

Oromo, West Central: Bible for 1 Corinthians, 1 John, 1 Peter, 1 Thessalonians, 1 Timothy, 2 Corinthians, 2 John, 2 Peter, 2 Thessalonians, 2 Timothy, 3 John, Acts, Colossians, Ephesians, Galatians, Hebrews, James, John, Jude, Luke, Mark, Matthew, Philemon, Philippians, Revelation, Romans, Titus

Formatted for Translators

©2022 Wycliffe Associates

Released under a Creative Commons Attribution-ShareAlike 4.0 International License.

Bible Text: The English Unlocked Literal Bible (ULB)

©2017 Wycliffe Associates

Available at <https://bibleineverylanguage.org/translations>

The English Unlocked Literal Bible is based on the unfoldingWord® Literal Text, CC BY-SA 4.0. The original work of the unfoldingWord® Literal Text is available at <https://unfoldingword.bible/ult/>.

The ULB is licensed under the Creative Commons Attribution-ShareAlike 4.0 International License.

Notes: English ULB Translation Notes

©2017 Wycliffe Associates

Available at <https://bibleineverylanguage.org/translations>

The English ULB Translation Notes is based on the unfoldingWord translationNotes, under CC BY-SA 4.0. The original unfoldingWord work is available at <https://unfoldingword.bible/utn>.

The ULB Notes is licensed under the Creative Commons Attribution-ShareAlike 4.0 International License.

To view a copy of the CC BY-SA 4.0 license visit <http://creativecommons.org/licenses/by-sa/4.0/>

Below is a human-readable summary of (and not a substitute for) the license.

You are free to:

- Share — copy and redistribute the material in any medium or format.
- Adapt — remix, transform, and build upon the material for any purpose, even commercially.

The licensor cannot revoke these freedoms as long as you follow the license terms.

Under the following conditions:

- Attribution — You must attribute the work as follows: "Original work available at <https://BibleInEveryLanguage.org>." Attribution statements in derivative works should not in any way suggest that we endorse you or your use of this work.
- ShareAlike — If you remix, transform, or build upon the material, you must distribute your contributions under the same license as the original.
- No additional restrictions — You may not apply legal terms or technological measures that legally restrict others from doing anything the license permits.

Notices:

You do not have to comply with the license for elements of the material in the public domain or where your use is permitted by an applicable exception or limitation.

No warranties are given. The license may not give you all of the permissions necessary for your intended use. For example, other rights such as publicity, privacy, or moral rights may limit how you use the material.



## Matthew

### Chapter 1

<sup>1</sup> Kitaaba hidda dhaloota Yasuus Kiristoos, isa sanyii Daawwit, sanyii Abrahaam. <sup>2</sup>Abrahaam Yisihaqiin dhalche; Yisihaaq Yaaqoobiin dhalche; Yaaqoob Yihudaa fi obbolottan isaa dhalche. <sup>3</sup>Yihudaan Taamaar irraa Peereezii fi Zaaraa dhalche; Peereez Heezroom dhalche; Heezroom Raam dhalche. <sup>4</sup> Raam abbaa Aminaadaabi dha; Aminaadaab abbaa Nahashoon dha; Nahashoon Saalmoon dhalche. <sup>5</sup>Saalmoon Rahaab irraa Boaziin dhalche; Boaz Ruut irraa Yoobeedin dhalche; Yoobeed abbaa Jeesee ti. <sup>6</sup>Jeesee abbaa mooticha Daawwit dha; Daawwit haadha manaa isaa Uriyyaa irraa Solomoonin dhalche; <sup>7</sup> Solomoon abbaa Reehoobo'aam dha; Reehoobo'aam abbaa Abiiyaa dha; Abiiyaan abbaa Asaa dha; <sup>8</sup>Asaan abbaa Yoshaafaax dha; Yoshaafaax abbaa Yooraam dha; Yooraam abbaa Oziyaasin dha; <sup>9</sup>Oziyas abbaa Yo'ataami dha; Yo'ataam abbaa Akaazin dha; Akaaz abbaa Hisqiyasi dha. <sup>10</sup>Hisqiyas abbaa Minaasee dha; Minaaseen abbaa Amosin dha; Amos abbaa Yosiyaasin dha. <sup>11</sup>Yosiyaas abbaa Yekoniyaasii fi obboloota isaa dha; kunis bara sabni Israa'el biyya Baabylonitti booji'amaniitti dha. <sup>12</sup>Sabni Israa'el biyya Baabylonitti erga booji'amani booddees, Yekoniyaas Salaati'elin dhalche; Salaati'el immoo abbaa Zarubaabelin dha. <sup>13</sup>Zarubaabel abbaa Abiyudin dha; Abiyud abbaa Eliyaqimin dha; Eliyaqim abbaa Azorin dha; <sup>14</sup>Azor Zaadoqin dhalche; Zaadoq immoo abbaa Akiimin dha; Akiim abbaa Eliyudin dha. <sup>15</sup>Eliyud abbaa Ele'azaarin dha; Ele'azaar immoo Maattaanin dhalche; Maattaan abbaa Yaaqoobi dha; <sup>16</sup>Yaaqoob abbaa Yoseefi dha; Yoseefis kaadhima Maariyaam dha; isheen immoo Yasuusiin isa Kiristoos jedhamee waamameen, deesse. <sup>17</sup>Dhaloonni kun hundinuu Abrahaamii hanga Daawititti dhaloota kudha afur, Daawitii hamma bara sabni Israa'el biyya Baabylonitti booji'amaniitti dhaloota kudha afur, bara biyya Baabylonitti booji'amani hamma Kristositti dhaloota kudha afur turan. <sup>18</sup>Dhalachuun Yasuus Kiristoos akka kanatti fufee jiru ture; Maariyaam haati isaa Yoseefiif kaadhimatamtee turte; isheen Yoseefiif wajjin utuu wal bira hin ga'in, hafuura qulqulluudhaan ulfooftee argamte. <sup>19</sup>Yoseef inni ishee kaadhimates nama jirenya qajeelaa jiraatu waan tureef, dhoksaatti ishee dhiisuudhaaf murtoo godhe malee, ummata duratti ishee yeellaasisuu hin barbaanne. <sup>20</sup>Utuu Yoseef kana yaadaa jiruu, kunoo, ergamaan gooftaa abjuutti itti mul'atee, "Yaa Yoseef ilma Daawwit, Maariyaam kaadhimni kee hafuura qulqulluudhaan waan ulfoofteef, ishee of biratti fudhachuu hin sodaatin! <sup>21</sup>Isheen ilma in deessi; atis maqaa isaa 'Yasuus' jettee in moggaasta, inni ofii isaatii saba isaa cubbuu isaaniittii isaan in fayyisa" jedheen. <sup>22</sup> Kun hundinuu inni Waaqayyo gooftaan afaan raajichaatiin dubbate akka raawwatamuuf ta'e. <sup>23</sup>Innoo, "Kunoo, durbi in ulfoofti ilmas in deessi, maqaa isaa 'Amaanu'el' jedhanii in moggaasu" jedhe; "Amaanu'el" jechuun "Waaqayyo nuu wajjin jira" jechuu dha. <sup>24</sup> Yoseef hirribaa dammaqee, akkuma ergamaan gooftaa isa abboometti kaadhima isaa of biratti in fudhate. <sup>25</sup>Haa ta'u iyyuu malee, inni hamma isheen ilma ishee deessutti ishee hin barre; mucicha immoo "Yasuus" jedhee ni moggaase.

## Chapter 2

<sup>1</sup> Yasuus, bara mooticha Herooditti, biyya Yihudaa Beeteliheem keessatti erga dhalatee booda, beektonni (namoonni beektonni) karaa ba'a biiftuu irraa gara Yerusaalemitti dhufani; <sup>2</sup>Isaanis, "Mootiin inni Yihudootaaf dhalate eessa jira? Nuti urjii isaa ba'a biiftuu keessatti waan argineef, isaa sagaduudhaaf dhufne" jedhanii dubbatani. <sup>3</sup>Herood, inni mootichi, yeroo kana dhaga'ees, ni raafame; guutuun Yerusaalemis, isa wajjin ni raafamani. <sup>4</sup> Heroodis, dura buutota luboota fi barreessiitoota uummataa walitti waamee, "Kiristoos eessatti dhalachuudhaaf dha?" jedhee isaan gaafate. <sup>5</sup>Isaanis, "Raajichaan akkuma barreessamee jirutti, biyya Yihudaa Beeteliheem keessatti ni dhalata. <sup>6</sup>Ati, yaa Beeteliheem, ishee biyya Yihudaa keeessaa! Ati bulchitoota Yihudaa gidduutii ishee xinnoo miti; si keessaas kan mo'u tokko ni dhufa; innis uummataa koo warra Israa'eliin kan tiks (eegu) dha" jedhanii isatti himani. <sup>7</sup>Sana boodas, Herood yeroo isa sirrii urjichi itti mul'ate isaan gaafachuudhaaf, beektota sana dhoksaadhaan ofitti waame. <sup>8</sup>Heroodis "Dhaqaatii of-eeggannoodhaan mucichaa barbaadaa. Anis dhaqee isaa sagaduu waanan maluuf, yeroo isa argathan immoo anatti himaa" jedhee gara Beeteliheemitti isaan erge. <sup>9</sup> Waan mootichi jedhe erga dhaga'anii boodas, beektonni suni imala isaanii jalqabani; urjiin inni isaan karaa ba'a biiftuutti arganii tures isaan fuul dura bu'ee deeme; bakka mucaan suni jiru yeroo ga'e immoo socho'uu dhiiseetu dhaabbate. <sup>10</sup>Jarri urjicha yeroo argan, gammachuu guddaadhaan ililchani. <sup>11</sup> Manicha keessas lixanii mucicha, haadha isaa Maariyaam wajjin, argatani. Isaanis lafatti gadi kufanii isaa sagadani. Qorxii (Borsaa) isaanis bananii, kennaa warqee, ixaanaa fi qumbii isaa kennani. <sup>12</sup>Isaan gara Heroodisitti akka hin deebineef Waaqayyo abjuutiin waan isaan akekkachiiuseef, karaa biraan irraan ba'anii gara biyya isaanitti deemanii. <sup>13</sup> Erga isaan gara biyya isaanitti deemanii boodas, ergamaan Gooftichaa tokko abjuudhaan Yooseefitti mul'atee, "Ka'ii, mucichaa fi haadha isaa fudhadhuutii gara biyya Misiriitti (Gibxiitti) baqadhu! Herood mucicha ajjeesuudhaaf waan barbaaduuf, hamma ani sitti himutti achuma turi!" ittiin jedhe. <sup>14</sup>Halkanuma sanas, Yooseef ka'ee mucichaa fi haadha isaa fudhatee gara biyya Misiriitti sokke. <sup>15</sup>Mucichis hanga guyyaa Herood du'etti achuma ture. Kunis, isa Gooftaan afaan raajichaatiin, "Ani Ilma koo biyya Misirii keessa nan waameera" jedhee dubbatee ture raawwachuudhaaf dha. <sup>16</sup> Sana boodas, Herood warri beektonni sun akka isa gowwoomsan waan hubateef, baay'ee aare. Kana irraa ka'uudhaanis, yeroo mucichi itti dhalate warra beektota sana irraa gaafatee sirriitti erga baree booda, ijoollee dhiiraa wagga lamaa fi isaa gadii ta'anii Beeteliheemii fi naannoo ishee keessa jiran hunduma isaan namoota ergee ajjeesise. <sup>17</sup> Kanaanis, dubbiin inni raajicha Eermiyaasiin dubbatamee ture ni raawwatame; <sup>18</sup>Innis, "Sagaleen boo'ichaa fi gadda guddaa tokko Raamaa keessatti ni dhaga'ame; Raaheelis ijoollee isheetiif boosse; kana booda deebitee waan isaan hin arganneefis, jajjabaachuu didde" isa jedhuu dha ture. <sup>19</sup> Akkuma Herood du'een immoo, kunoo, ergamaan Gooftichaa tokko biyya Misirii keessatti abjuudhaan Yooseefitti mul'ateeakkas isaan jedhe: <sup>20</sup>"Warri lubbuu mucichaa balleessuuf barbaadan waan du'anii jiraniif, ka'iitii mucichaa fi haadha isaa fudhadhuutii gara biyya Israa'el deemi." <sup>21</sup>Yooseefis ka'uudhaan mucichaa fi haadha isaa fudhatee gara biyya Israa'elitti dhufuuf ture. <sup>22</sup> Garuu immoo, Arkelaawos, bakka abbaa isaa Herood, bu'ee Yihudaa bulchaa (bitaa) akka jiru Yooseef waan dhaga'eef, achi deemuu ni sodaate. Waaqayyo abjuudhaa erga isa akekkachisee boodas, gara naannoo Galiilaatti imaluuf ka'e. <sup>23</sup> Achis deemee, magaala Naazireet jedhamtu keessa jiraate. Kunis kan ta'e, inni raajonni waa'ee Yasuus, 'Inni Naaziricha ni jedhama' jedhanii dubbatanii ture akka raawwatamuuf dha.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Bara sanatti Yohaannis cuuphaan lafa onaa biyya Yihudaatti dhufee lallabaa ture,<sup>2</sup> “Mootummaan waaqaa dhi'aatee waan jiruuf, balleessaa kessanitti gaddaatii, dhiifama gaafadhaa” jedhe.<sup>3</sup> Kunis kan dubbatame Isaayaas isa raajichaan ture. Innis, “Sagaleen inni lafa onaa keessaa dubbachaa jira ‘Gooftichaaf daandi isaa qopheessaa; karaa inni irra darbu sirreessaa” jedhe.<sup>4</sup> Yommusis, Yohaannis uffata rifeensa gaalaa irraa hojjetamee uffatee, mudhii isaa immoo xeebaan hidhate ture. Nyaanni isaas hawwannisaa fi damma gammoojji ture.<sup>5</sup> Sana boodas, warri Yerusaalem, warri Yihudaa, warri kutaa biyya naanna'aa Laga Yordaanos jiraatan hundumtuu bakka Yohaannis jirutti ba'ani.<sup>6</sup> Isaanis cubbuu isaanii himachaa Laga Yordaanos keessatti Yohaannisiin cuuphamani.<sup>7</sup> Yohaannis warra Faarisootaa fi warra Saaduqoota keessaa namoonni baay'een cuuphamuudhaaf gara isaa dhufuu isaanii yeroo arge, “Isin sanyii warra dhiiga namaa dhuguu nanaa, dheekkamsa isinitti dhufuuf jiru jalaa akka baqattan, eenyutu isin akekkachise?<sup>8</sup> Bu'aa firii qabu kan hojii kessanitti gaabbitanii dhiifama itti gaafattan qabadhaa.<sup>9</sup> Wal-gidduu kessanitti ‘Nuti abbaa keenya Abrahaam qabna’ waliin jechaa hin yaadiinaa. Kan ani isinitti himus, Waaqayyo dhagoota kana keessaa iyyuu Abrahaamiif ijoollee kennuu akka danda'u dha.<sup>10</sup> Qottoon durumaanuu hidda moukootaa irra kaa'amee jira. Kanaafuu, mukti kam iyyuu inni midhaan gaarii hin horre murameetu (falaxameetu) ibidda keessatti darbatama.<sup>11</sup> Cubbuu keessan irraa gaabbitanii akka deebitaniif, ani bisaaniin nan isin cuupha. Inni ana boodda dhufu garuu, ana irra jabaa dha; kophee miillaa isaa baachuun illee, ani nama anaaf malu miti. Inni Afuura Qulqulluu fi ibiddaan isin ni cuupha.<sup>12</sup> Oobdii isaa keessaa qamadii isaa sirritti qulleessee gumbii isaatti kan ittiin sassaabu afarsaan isaa, harkaa isaa keessa jira. Galabaa isaa garuu ibidda tasuma hin dhaamneetiin ni guba” jedhee isaanitti dubbate.<sup>13</sup> Sana boodas, Yasuus Yohaannisiin cuuphamuudhaaf Galiilaatii gara Laga Yordaanositti dhufe.<sup>14</sup> Yohaannis garuu, “Ani siitiin cuuphamuun barbaada; ati immoo anaatiin cuuphamuudhaaf gara koo dhuftaa?” jedhee isa dhoowwuudhaaf yaalaa ture.<sup>15</sup> Yasuusis, “Waantota qajeelaa ta'an hunduma guutuun sirrii waan ta'ef, naaf eeyyami” jedhee deebisee itti dubbate. Sana booddees, Yohaannis isaaaf eeyyame.<sup>16</sup> Yasuus cuuphamee bisaanicha keessaaakkuma ba'een, kunoo egaa, waaqni hundumtuu isaaaf baname. Innis, Afurri Qulqulluu Waaqayyoo bullaalla fakkaatee gadi dhufudhaan isa irra yeroo qubatu ni arge.<sup>17</sup> Kunoo, sagaleen, “Inni kuni Ilma koo isa jaalatamaa dha; anis isatti nan gammada” jedhu waqa keesaa ni dhufe.

## Chapter 4

<sup>1</sup> Sana boodas, Yasuus seexanaan qoramuudhaaf jecha, Afuura Qulqulluudhaan dursamee gara lafa onaatti geessame.<sup>2</sup>Innis erga guyyaa afurtamaa fi halkan afurtamaaf nyaata lagatee turee booda, beela'ee ture. <sup>3</sup>Inni isa qorus dhufuudhaan, "Ati dhuguma ilma Waaqayyoo yoo taate, dhagoota kana akka buddeena ta'ani ajaji" ittiin jedhe.<sup>4</sup>Yasuus garuu, "Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun malee, namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu' jedhamee barreessameera" jedhee isaaf deebise.<sup>5</sup> Itti aansees, seexanichi gara magaa qulqullaa'aatti Yasuusiin geessuudhaan, fittee gamoo mana sagadaa isa hundaa ol dheera ta'e irra dhaabachiisee, <sup>6</sup>"Ati dhuguma ilma Waaqayyoo yoo taate, bakka kana irraa gadi of-darbadhu, 'Inni ergamoota isaa akka siin eeganiif ni ajaja; miilli kee dhagaatti akka hin buunes, isaan harka isaanii irratti siin ni baatu' jedhamee barreessamee waan jiruuf" ittiin jedhe.<sup>7</sup> Yasuusis "Gooftaa kee Waaqayyoon hin qoriin' kan jedhus barreessamee jira" ittiin jedhee.<sup>8</sup> Ammas seexanichi gara gaara dheeraa tokkotti Yasuusiin ol isa baasuudhaan, mootummoota biyya lafaa hundumaa, ulfina isaanii hunda wajjin isatti argisiisee,<sup>9</sup>"Gadi kuftee anaaf yoo sagadde, isaan kana hunduma isaani ani siif nan kenna" ittiin jedhe.<sup>10</sup> Achiin boodas, Yasuus immoo, "Seexana nana, asitii badi! 'Gooftaa kee Waaqayyoof ni sagada; isaaf qofaa (duwwaa) ni hoijetta' jedhamee barreessamee jira" ittiin jedhe. <sup>11</sup>Achumaanis, seexanichi isa dhiisee deeme; kunoo, ergamoonnis dhufanii isa tajaajilani.<sup>12</sup> Yohaannis mana hidhaa galuu isaa erga dhaga'ee boodas, Yasuus gara Galiila deeme.<sup>13</sup>Naazireetiinis gadhiisee gara Kapernaa'um, ishee naannoowwan Zebuluun fi Niftaalem keessa qarqaraa Galaana Galiila jirtu, deemee achi jiraate.<sup>14</sup> Kunis kan raawwate, waanti Isaayaas isa raajichaatiin dubbatamee ture akka guutamuufi dha ture; innis, <sup>15</sup>"Biyyi Zebuluun, biyyi Niftaalem, gara galaanaatti, Yordaanos gama, Galiilaan, isheen biyya saba warra Waaqayyoon hin amannee, isaan ulfina ni argatu!<sup>16</sup>Uummatichi inni dukkana keessa jiraachaa ture, ifa guddaa argee jira; isaan warra biyya gaadidduu du'aa keessa jiraachaa turaniif, ifni isaaniif ba'ee jira" kan jedhu ture.<sup>17</sup>Yeroo sanaa kaasees Yasuus, "Mootummaan waaqaa waan dhiyatee jiruuf, hojii keessan itti gaabbaatii, dhiifama gaafadhaa" jedhee lallabuu jalqabe.<sup>18</sup> Yeroo qarqara Galaana Galiila adeema turettis, Yasuus obbolaan lama, Simoon, isa Pheexroos jedhamuu fi obboleessa isaa, Indriiyaas, warra qurxummi qaban waan ta'aniif, otoo kiyyoo isaanii galaana keessatti darbachaa jiraanii isaan arge.<sup>19</sup>Yasuusis, "Kootaatii ana duukaa bu'aa. Anuu warra namootaa walitti qabdan nan isin godha" isaaniin jedhe.<sup>20</sup>Isaanis battalumatti kiyyoota isaanii achumatti dhiisanii isa duukaa bu'ani.<sup>21</sup> Akkuma achi irraa adeemuu jalqabeen, Yasuus obbolaa biraa lama, Yaaqoob, ilma Zabdewoos fi obboleessa isaa, Yohaannisiin, arge. Isaanis, abbaa isaanii Zabdewoos wajjin, bidiruu keessatti kiyyoota isaanii suphachaa jiru turani. Innis isaan waame;<sup>22</sup>Battalumattis, bidiruu fi abbaa isaanii achumatti dhiisanii isa duukaa bu'ani.<sup>23</sup> Yasuusis Galiila keessa bakka hundumaa deemuudhaan, manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, wangeela mootummaa Waaqayyoo lallabaa, namoota dhukkubaa fi dhibee hundumaattiin qabamanii turan fayyisaa ture.<sup>24</sup>Oduun isaas biyya Sooriyaa hundumaatti ni dhaga'amee; namoonnis dhukkubsatoota isaanii, warra dhukkuba fi waraansa garaa garaatiin dhiphatan, warra afuura seexanootaatiin qabamanii jiran, warra dhukkuba nama kuffisu kan qaban, warra qaamni isaanii hadoode hundumaa gara isaatti fidan. Yasuusis isaaniin ni fayyise.<sup>25</sup>Namoonni hedduun, Galiila irraa, magaalota kurnanii irraa, Yerusaalem irraa, biyya Yihudaa irraa, gama Yordaanos irraas, isa duukaa bu'ani.

## Chapter 5

<sup>1</sup> Yasuuus namoota baay'ee sana yeroo arges, tulluutti ol ba'e. Erga inni taa'ee boodas, barattoonni isaa gara isaatti dhufani. <sup>2</sup>Afaan isaa saaqees akkas jechaa isaan barsiise: <sup>3</sup>“Warri Afuuraan hiyyeessota ta' an eebbisamtoota mootummaan waaqaa kan isaanii waan ta'eef; <sup>4</sup>Warri gaddaa jiran eebbisamtoota waan isaan jajjabina argataniif;<sup>5</sup> Warri garraamiin eebbisamtoota waan isaan biyya lafaa dhaalaniif;<sup>6</sup> Warri qajeelummaa akka midhaanii beela'anii, akka bishaanii dheebotan eebbisamtoota waan isaanii guutuu jiruuf;<sup>7</sup> Warri namaaf dhiifama godhan eebbisamtoota waan isaanii dhiifama argataniif; <sup>8</sup>Warri yaadni garaa isaanii qulqullu ta'e eebbisamtoota, waan isaan Waaqayyoon arganiif;<sup>9</sup> Warri nagaa buusan eebbisamtoota, waan isaan ijoolee Waaqayyoo jedhamanii waamamaniiif;<sup>10</sup> Warri qajeelummaadhaaf jedhanii ajjeesaman eebbisamtoota, waan mootummaan waaqaa kan isaanii ta'uuf;<sup>11</sup> Isin warri anaaf jettanii namoonni yommuu isin arrabsan, yommuu isin ari'atan, yommuu sobaan waan cubbuu ta'e hundumaa isin irratti dudubbatani, isinis eebbisamtoota dha!

<sup>12</sup>Iilchaa; gammadaa waan badhaasni keessan inni guddaaan waqa irra waan ta'eef. Raajotonii warri isin duraas akkasuma ajjeefamaa turani”.<sup>13</sup> Itti fufees, Yasuuus, “Isin soogidda biyya lafaa ti. Soogiddi mi'aahina isaa yoo dhabe garuu, attam godheetu mi'ahina isaa deebisee argachuu dhanda'a? Gadi gatamee miilla namaatiin dhidhiitamuu irraa kan hafe, deebi'ee waan fayyadu tokko iyyuu hin qabu.<sup>14</sup> Isin ifa biyya lafaa ti. Magaalli tabba gubbaatti ijaaramte dhokachuu hin danddeessu.<sup>15</sup> Namoonni tasuma ibsaa qabsiisani guuboo (gombisaa) jala hih kaa'ani; baattuu ibsaa irra kaa'u malee; ibsichis mana keessa warra jiran hundumaaaf ni ifa.<sup>16</sup> Namoonni hojii keessan isa gaarii arganii Abbaa keessan isa waqa keessa jiruuf ulfina akka kennaniif, ifni keessan akkuma kanaatti namoota fuul duratti haa ifu” isaanii jedhe.<sup>17</sup> Dabalataanis Yasuuus, “Ani seericha yookiin immoo raajotaa balleessuuf akkan dhufetti hin yaadiinaa. Ani kanan dhufe isaan balleessuuf otoo hin ta'iin, waa'ee isaanii raawwachuuf dha.<sup>18</sup> Ani dhuguman isinitti hima, hamma waaqnii fi lafti badanitti seericha keessaa qubeen inni xinnan tokko yookiinis gar-tokkoon isaa illee hanga waan hunduu xumuramanitti keessaa hin badu.

<sup>19</sup>Kanaafuu, namni eneyumtuu ajajoota seerichaa keessaa isa xinnaa iyyuu cabsuudhaan waan biraan immoo namoota warra kaan yoo barsiisu, inni mootummaa waqa keessatti isa hundumaa irra isa xinnaa ni jedhama. Namni inni ajajoota kana eegee barsiisu garuu mootummaa waqa keessatti isa guddaa ni jedhama.<sup>20</sup> Ani nan isinitti hima, qajeelummaan keessan qajeelummaa warra barreessitootaa fi Faarisoota sanaa kan caalu ta'u yoo baate, isin mootummaa waqa keessa gonkuma hin seentani” jedhee isaan barsiise.<sup>21</sup> Yasuuus itti fufuudhaan, “Yeroo durii sana ‘Hin ajjeesiin’; ‘namni ajjeesu eneyumtuu firdiif ni dhiyaata’ jedhamee akka isaanitti himame ture dhageessanii jirtu.<sup>22</sup> Ani garuu isinittan hima; namni obboleessa isaatti aaru (dheekkamu) enyu illee, firdiif ni dhiyaata; namni eneyumtuu inni obboleessa isaatiin ‘Ati hin fayyaddu’ jedhus, yaa'ii seeraa duratti firdiif ni dhiyaata; namni eneyumtuu inni obboleessa isaatiin ‘Gowwaa (Raatuu)’ jedhus, boolla ibiddaatti firdiif ni dhiyaata.<sup>23</sup> “Kennaah dhiheessuudhaaf bakka aarsaa dhuftee, achuma otoo jirtuu akka obboleessa kee waa yakkitee akka jirtu yoo yaadatte,<sup>24</sup> Kennaah kee achuma iddoa aarsaa sanatti dhiisiitii deemi. Obboleessa keetti dura araaramiitii, sana booddas deebi'iitii kennaah aarsaa kee dhiheessadhu.<sup>25</sup> Nama ittiin wal-lolte wajjin gara yaa'itti otoo adeemtuu dafitii itti araarami; yoo kana gochuu baatte garuu, inni abbaa firdiitti si kennuu ni danda'a; abbaan firdii immoo eegduu mana hidhaatti dabarsee si kennuu ni danda'a; sana boodas, mana hidhaatti darbatamuu ni dandeessa.<sup>26</sup> Dhuguman siin jedha; sana booda immoo gatii sirra jiru isa dhumaan hanga kaffaltutti (baaftutti) mana hidhaa sana keessaa tasuma ba'uun hin baatu.<sup>27</sup> “Akka ‘Hin ejjin’ jedhamee himame dhageessanii jirtu.<sup>28</sup> Ani garuu nan isinitti hima; namni dubartii ijaan ilaalee ishee hawwee, inni dura dabarssee garaa isaa keessaatti ishee wajjin ejjee jira.<sup>29</sup> Iji kee inni mirgaa cubbuu si hojjechiisa yoo ta'e, isa of keessaa baasitiitii gati. Sababni isaas, qaamni kee guutuun boolla du'aatti darbatamuu mannaa, qaama kee keessaa inni tokko yoo bade siif wayya.<sup>30</sup> Harki kee inni mirgaa cubbuu si hojjechiisa yoo ta'e, isa of irraa kutiitii gati. Sababni isaas, qaamni kee guutuun boolla du'aatti darbatamuu mannaa, qaama kee keessaa inni tokko yoo bade siif wayya.<sup>31</sup> Dabalatamaanis, ‘Eenyumtuu inni haadha manaa isaa hiiku, waraqaa wal-hiikumsaa isheedhaaf kennu akka qaba’ jedhamee himamee jira.<sup>32</sup> Ani garuu nan isinitti hima; isheen yoo ejjite irraa kan hafe, namni kam iyyuu inni haadha manaa isaa hiiku, akka isheen ejjitu ni godha. Erga isheen hiikamtee booda namni ishee fuudhu eneyumti iyyuu ejjummaa ni raawwata.<sup>33</sup> “Ammas, ‘Sobaan hin kakatiin; kakaawan kee garuu Gooftaadhaaf godhi’ jedhamee warra duriitti himamee akka ture dhageessanii jirtu.<sup>34</sup> Ani garuu nan isinitti hima; gonkuma hin kakatiinaa; waaqaatiin hin kakatiinaa; inni teessoo Waaqayyooti;<sup>35</sup> Lafaanis hin kakatiinaa; inni ejjennaa miilla isaa ti; Yerusaalemiinis hin kakatiinaa; isheen magaala Mooticha isa guddichaa ti.<sup>36</sup> Mataa keetiinis hin kakatiin; ati rifeensa tokko illee addeessuu, yookiin immoo, gurmaachessuu hin dandeessu.<sup>37</sup> Dubbiin keessan ‘Eeyyeen, eyyee’ yookiin immoo, ‘Lakkiin, lakkii’ haa ta'u. Waanti kana irraa darbee jiru garuu kan isa cubbamaa ti.<sup>38</sup> “Akka ‘Bakka ijaa, ija, bakka ilkaanii, ilkaan’ jedhamee himamee tures dhageessanii jirtu.<sup>39</sup> Ani

garuu nan isinitti hima; nama hamaa ta'e, hin morkatinaa (Nama gadhee wal-aansoo hin qabatiin). Kana irra, eenyumtuu maddii kee isa mirgaa yoo si kabale, isa karaa bitaas itti qabi.<sup>40</sup> Namni uffata qomoo kee sirraa fudhachuu barbaadee seeratti yoo si himate, ati immoo kootii kees itti dabalii isaaf dhiisi.<sup>41</sup> Enyumtuu kiloo meetra tokko isa duukaa akka deemtu yoo si dirqisiise, ati immoo kiiloo meetra lama isa duukaa deemi.<sup>42</sup> Isa si kadhatu (gaafatu) eenyumaafuu kenni; nama sirraa liqeeffachuu barbaadutti, fuula kee irraa hin garagalchiin.<sup>43</sup> “Ollaa kee jaalladhu; diina kee jibbi’ jedhamee akka himame ture dhageessanii jirtu.<sup>44</sup> Ani garuu nan isinitti hima; diinota keessan jaalladhaa; warra isin ari’aniifis kadhadhaa.<sup>45</sup> Kana gochuu keessaniinis, ijoollee Abbaa keessanii isa waaqa keessa ni taatu. Inni biiftuu isaa warra hamaa ta’aniifis, warra gaari ta’aniifis ni baasa; bokkaa isaas warra qajeelotaafis, warra jallatootaafis ni roobsa.<sup>46</sup> Isin warra isin jaalatan jaalattu yoo ta'e, bu'aa maalii argattu? Akkas immoo warri gibira sassaaban suni iyyuu hin godhanii?<sup>47</sup> Obbolooottan keessan qofaa nagaan gaafattu (dubbistu) yoo ta'e, warra kaan caalaa maal gootu? Akkas immoo warri Waaqayyoon hin amanne iyyuu hin godhanii?<sup>48</sup> Kanaafuu, akkuma Abbaan keessan inni waaqa keessa mudaan hin qabneetti, isinis warra mudaan hin qabne ta'aa.

## Chapter 6

<sup>1</sup> “Namootatti of-argisiisuudhaaf jettanii hojiwwan qajeelummaa keessannii fuul dura namootaatti akka hin hojenne of-eeggadhaa; ta’uu baannaan garuu, Abbaa keessan isa waaqa keessaa birra bu’aan argattan hin jiru.

<sup>2</sup>Kanaafuu, akkuma warri ofittoon akka namootni isaan jajanif jedhanii manneen sagadaa keessatti fi daandiiwwan irraati arjoomanitti, atis yeroo arjoomtu of-fuul dura keetti xurumbaa hin afuufiin. Dhuguma nan isinitti hima; isaan kun gatii isaanii guutummaatti argatanii jiru.<sup>3</sup> Ati garuu yeroo arjoomtu, waan harki kee inni mirgaa godhaa jiru, harki kee inni bitaa iyuu akka argu hin godhiin.<sup>4</sup>Akka kanattis, arjummaan kee dhoksaadhaan haa ta’u. Abbaan kee inni dhoksaatti argus, gatii kee siif ni kenna.<sup>5</sup>“Yeroo kadhantanis, akka warra of-jajjootaa (of-argisiistotaa), warra akka uummatni isaan arguuf jedhanii manneen sagadaa keessattii fi daandiiwwan bukkeetti kadhatanii, hin ta’iinaa. Ani dhuguma nan isinitti hima, isaan gatii isanii fudhatanii jiru.

<sup>6</sup>Ati garuu, yeroo kadhattu, mana kee keessatti ol-seeni. Balbala cufadhuutii, abbaa kee isa iddo dhoksaa jiru kadhadhu. Sana boodas, Abbaan kee inni dhoksaatti argu, gatii kee siif ni kenna.<sup>7</sup>Yeroo kadhantanis, akka warra Waaqayyoon hin amanneetti irra deddeebi’uu dubbii faayidaa hin qabne hin godhiinaa; isaan, baay’ee dubbachuun, waan isaaniif dhaga’amu isaanitti fakkaata.<sup>8</sup> Kanaafuu, otoo isin hin himatiin iyuu waantota isin barbaaddan Abbaan keessas waan beekuuf, akka isaanii hin ta’iinaa. <sup>9</sup>Kanaafuu, akkasitti kadhadhaa:‘Yaa Abbaa keenyaa isa waaqa keessa jiraattuu,Maqaan kee inni qulqulluu ta’e haa ulfaatu.<sup>10</sup>Mootummaan kee haa dhufu.Jaalalli kee waaqa irratti akka ta’e,Akkasumas immoo, lafa irrattis haa ta’u.<sup>11</sup> Hirbaata guyyaa guyyaan nyaannu hara’a nuuf kenni.<sup>12</sup>Balleessaa keenya unuuf dhiisi;Hamaa irraa unuun oolchi malee.<sup>14</sup> Namootaaf balleessaa isaanii yoo dhiiftaniif,Abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif ni dhiisa.<sup>15</sup>Garuu isin namootaaf balleessaa isaanii dhiisuufi yoo dhiistan,Abbaan keessanis balleessaa keessaniif isiniif hin dhiisu.<sup>16</sup>“Yeroo nyaata lagattanis, akka warri of-jajjootaa akka isaan nyaata lagachaa jiran namootni akka beekaniif jedhanii fuula isaanii gurmaachessaniitti, isinis fuula keessan hin gurmaachesiinaa. Ani dhuguma nan isinitti hima, isaan gatii isaanii guutummaatti argatanii jiru.<sup>17</sup>Ati garuu, yeroo nyaata lagattu, mataa kee dibadhu; fuula kees dhiqadhu.

<sup>18</sup>Nyaata lagachuu kee Abbaa kee isa dhoksaatti arguu malee, namota duratti akka hin mul’annetti godhi; Abbaan kee inni dhoksaatti argu immoo gatii kee siif ni kenna.<sup>19</sup>“Qabeenya ofii keessaniif lafa irratti, iddo rirmii fi daana’oon nyaatutti, iddo hattuunis cabsitee seentee hattutti, walitti hin qabiinaa.<sup>20</sup>Akkana irraa garuu, qabeenya ofii keessaniif waaqa irratti iddo rirmii fi daana’oon nyaachuu hin dandeenyetti, iddo hattuunis cabsitee seentee hatuu hin dandeenyetti, walitti qabadhaa.<sup>21</sup>Kunis kan ta’e, garaan keessan kan jiraatu bakka qabeenya keessan jiru waan ta’eef dha.<sup>22</sup> Ijji ibsaa qaamaa ti; ijji kee gaarii yoo ta’e, qaamni kee hundi ifaan ni guutama.<sup>23</sup>Ijji kee gadhee yoo ta’e garuu, qaamni kee hundi dukkanaan ni guutama. Kanaafuu, ibsan inni qaama kee keessa jiru dhugumatti yoo dukkanaa’e, dukkanichi hangam guddaa dha!<sup>24</sup>Eenyumtuu gooftolii lamaaf ergamuu hin danda’u; yookiin isa tokko jibbee isa biraa jaalata; yookiin immoo, isa tokkoof of-kenneetu, isa biraa immoo gadi dhiisa malee. Isinis, Waaqayyoofis, qabeenyaafis ergamuu hin dandeessani.<sup>25</sup> Kanaafuu, ani nan isinitti hima; waa’ee jirenya keessanii, waan nyaattanii fi waan dhugdaniif, yookiin immoo waa’ee qaama keessanii, waa’ee waan uffattaniif hin yaadda’iinaa. Jirenyi isa nyaatamuu fi isa uffatamu irra guddaa miti?

<sup>26</sup>Simbirtoota samii keessa ilaala. Isaan hin facaasani; hin haamani; yookiin immoo waan gumbiitti naqatan hin qabani; garuu Abbaan keessan inni waaqa keessa isaaniin ni soora. Isin immoo isaan caala faayidaa hin hin qabdani?<sup>27</sup> Isin keessaa namni tokko waan dhiphateef, bara jirenya isaa irratti waggaa tokko illee namni dabalachuu danda’u jiraa?<sup>28</sup>Waa’ee waan uffataa maaliif dhiphattu? Abaabonni goodaa keessatti biqilani attamitti akka guddatan mee yaadaa. Isaan hin dhama’ani; uffatas hin fo’ani (dha’ani).<sup>29</sup>Ani nan isinitti hima; Salamoona inni ulfina hundaa qabu ture illee, akkuma isaan kana keessaa, isa tokkoo, hin uffatne ture,<sup>30</sup> Yaa isin, warra amantiin xinnoo, Waaqayyo biqiltuu goodaa keessaa, isa har’a bakkeetti argamee, boru immoo ibiddatti affelamu, yoo uffisa ta’e, hammam caalaatti isinitti uffisa?<sup>31</sup>Kanaafuu, ‘Maal nyaanna? Maal dhugna? Maal uffanna?’ jettanii of hin dhiphisiinaa.<sup>32</sup> Warri Waaqayyoon hin amanne waantota kana barbaadaa jiru; isiniifis akka barbaachisu Abbaan keessan inni waaqa keessa ni beeka.<sup>33</sup>Waantotni kun hundumtuu isiniif ni kennamu; isin garuu dura dabarsaatii mootummaa fi qajeelummaa Waaqayyoo barbaadaa.<sup>34</sup>Kanumaafuu, waa’ee boruu hin dhiphatiinaa; boru ofii isaafuu jedhee ni dhiphata. Tokko tookkoon guyyaa, rakkinaa ga’aa kan mataa isaa ni qaba.

## Chapter 7

<sup>1</sup> “Namatti hin faradiinaa; isin irrattis hin faradamu.<sup>2</sup> Firdiin inni isin faraddan, isinis ittiin ni faradamtu; safara isin safartanis, isiniifis ni safarama.<sup>3</sup> Maaliif huuba xinnoo ishee ija obboleessa kee keessa jirtu ilaalta, yeroo muka isa ija kee keessa jiru hin hubannetti?<sup>4</sup> Otoo mukichi ija kee keessa taa'ee jiru, attamitti obboleessa keetiin, ‘Huuba ija kee keessa jiru nan siif baasa’ jechuu dandeessa? <sup>5</sup> Ati yaa ofittoo nanaa! Dura dabarsiitii, muka isa ija kee keessa jiru baassadhu; isa booddee huuba ija obboleessa kee keessa jiru, hubattee baasuu ni dandeessa.<sup>6</sup> Waanta qulqulaa'a ta'e sarootaaf hin kenninaa. Calleewwan keessanis booyyeewan jalatti hin darbatiinaa. Ta'u baannaan, isaanuu milla isaanii jalatti erga dhidhitanii booda isinitti garagalanii isiniinuu bakka hedduutti ni kukkutu.<sup>7</sup> “Kadhadhaa (Gaafadhaa), isiniif ni kennamaa. Barbaadaa, ni argattuu. Balbala rurrukutaa isiniif ni banama (saqaama).<sup>8</sup> Kan kadhatu (gaafatu) eenyumtuu, ni fudhata; kan barbaadu eenyumtuu, ni argata; nama balbala rurrukutuufis, ni banana. <sup>9</sup> Yookiin immoo, isin keessaa eenyu dha, yoo ilmi isaa buddeena (daabboo) isa gaafate, inni dhagaa kennuufi? <sup>10</sup> Yookiin immoo, yoo ilmi isaa qurxummii kadhate, inni bofa kennuufi?<sup>11</sup> Kanaafuu, isin warri hamtoonni ijoollee keessaniif kennaa gaarii attamitti kennitan beektu erga ta'ee, Abbaan keessan inni waaqa keessaa immoo isin caalaa hammam warra isa kadhataniif waan gagaarii kenna ree?<sup>12</sup> Kanaafis jecha, waantota kameen iyuu isaan namoonni akka isiniif godhan jaalattan, isinis akkasuma isaaniiif godhaa; seerrii fi raajonnis kan barsiisani isuma kana dha.<sup>13</sup> “Karra isa dhiphaa ta'een ol-seenaa. Karri inni bal'aa fi dheeraan, isa gara badinsaatti (balleessaatti) nama geessu dha; achi irraanis namoota hedduutu seena. <sup>14</sup> Karri inni gara jirenyaatti geessu garuu dhiphaa dha; karaan (daandiin) isaas rakkisaa dha; namoonni isa argatanis muraasa dha.<sup>15</sup> “Raajota sobdoota, warra raroo hoolaa uffatanii gara keessan dhufanii, kessi isaanii garuu, dhugaa dhumatti yeeyyota butanii nyaatan warra ta'an, irraa of eggaa. <sup>16</sup> Firiiwan (bu'aawwan) hojii isaaniitiin isaaniin ni beektu. Namoonni muka qoraattii irraa ija waynii funaanuu ni danda'uu; yookiin immoo muka kosorruu irraa harbuu funaanuu ni danda'uu?<sup>17</sup> Haaluma walfakkaatuun, mukti gaariin midhaan ba'eessa ni godhata; mukti gadheen immoo midhaan badaa ni godhata.<sup>18</sup> Mukti gaariin tokko midhaan hamaa hin godhatu; mukti gadheenis midhaan ba'eessa godhachuu hin danda'u.<sup>19</sup> Mukti kam iyuu inni midhaan gaarii hin godhanne, murameetu, ibidda keessatti darbatama.<sup>20</sup> Kanaafuu egaa, isin midhaan (bu'aa) isaaniitiin isaan baruu ni danddeessu.<sup>21</sup> Warra jaalala Abbaa koo isa waaqa keessaa hojjetan irraa kan hafe, inni ‘Gooftaa keenya, Gooftaa ko’ anaatiin jedhu hundumtuu mootummaa waaqaa keessa hin seenuu. <sup>22</sup> Gaafa guyyaa isa dhumaan sanattis, namoonni baay'een, ‘Gooftaa, Yaa Gooftaa ko, nuti maqaa keetiin raajii hin dubbannee? Nuti maqaa keetiin afuura seexanaa hin baafnee? Nuti maqaa keetiin raajiiwwan hedduu hin hojjennee?’ anaan ni jedhu.<sup>23</sup> Yeroo sanatti, ani immoo, ‘Ani tasuma isin hin beeku! Isin warra seeraan dhala hojjettani mitii; ija koo duraa achi deemaa!’ jedheen ifatti saaxileen isaanitti nan hima.<sup>24</sup> “Kanaafuu egaa, namni kam iyuu inni dubbiwwan koo dhaggeeffatee isaaniifis abboomame, inni akka mana isa mana isaa dhagaa irratti ijaarratetti beekaa dha.<sup>25</sup> Bokkaan itti roobees, lolaan itti yaa'es, qilleensis itti qilleensa'e yoo itti bu'es, manichi bu'urri isaa dhagaa irra waan dhaabbateef homaa hin ta'u.<sup>26</sup> Namni kam iyuu inni dubbiwwan koo dhaggeeffatee isaaniif hin abboomamne garuu, inni akka mana isa mana isaa cirracha irratti ijaarratetti gowwaa dha.<sup>27</sup> Bokkaan itti roobee, lolaan itti yaa'e, qilleensis itti qilleensa'e itti bu'e, manichis ni jige; manichis guutummaan guutuutti bade.”<sup>28</sup> Yasuuus dubbiwwan isaa kanneen dubbatee akkuma xumureenis, namoonni achitti walitti qabamanii barsiisa isaa dhaggeeffachaa turanis hedduu dingisiifatanji,<sup>29</sup> Kunis kan ta'e, inni akka barreesitoota sanaa otoo hin ta'iin, akka nama aboo qabuutti waan isaan barsiisa tureef dha.

## Chapter 8

<sup>1</sup> Yeroo Yasuus gaara (tabba) sana irraa gadi bu'ettis, namoonni isa biratti walitti qabamanii turan hedduunis isa duukaa bu'ani. <sup>2</sup>Kunoo, namichi lamxaa'an (qomaaxaan) tokko gara isaa dhufee, fuula isaa fuul dura isaattis jilbeeffatee, "Yaa Gooftaa, fedhii kee yoo ta'e, na fayyisi" jedhee isa gaafate. <sup>3</sup>Yasuusis harka isaatin hiixatee namicha qabuudhaan, "Fedhii kooti; fayyitee jirta" jedheen. Battaluma sanattis, namichi qomaaxummaa isaa irraa ni fayye. <sup>4</sup> Yasuusis, "Namatti waan tokko iyyuu akka hin jenneef beekkadhu. Garuu immoo, karaa kee irra bu'ii deemiitii lubichatti of argisiitii akkuma Museen ajajee turetti kennaa kee dhiyyeessiitii fayyuu kee isaanif dhugaa ba'i" isaatiin jedhe. <sup>5</sup> Yommuu Yasuus gara Qifirnaahom deemaa turettis, ajajaan dhibbaa tokko gara isaatti dhufee isa kadhate, <sup>6</sup>"Yaa Gooftaa ko, hojjetaan koo qaamni isaa hadoodee mana ciisee baay'ee dhukubsachaa jira" jedhe. <sup>7</sup>Yasuusis, "Anuu dhufeen isa fayyisa" jedheen. <sup>8</sup> Ajajaan dhibbaa sunis, "Yaa Gooftaa ko! Ani nama ati mana koo keessa seenuun isaaf malu miti. Waan jettu qofaa dubbadhuutii, ergamaan koo ni fayya. <sup>9</sup>Anis nama aangoo qabu waanan ta'eef, loltoota ana jalatti bulan nan qaba. Isa tokkoon 'Deemi' yoon jedhu, ni deema; isa biraatinis, 'Koottu' yoon jedhu, ni dhufa; ergamaa kootiinis, 'Kana godhi' yoon jedhu, innis ni godha" jedhe. <sup>10</sup>Yasuus kana yeroo dhaga'ettis, dinqisiisamuudhaan warra isa duukaa bu'ani jiraniin akkas jedhe: "Dhuguman isiniitit jedha, ani Israa'el keessatti nama akka kanaatti amantii qabu hin argine;" <sup>11</sup> Ani nan isinitti hima; namoonni hedduun karaa ba'a biiftuu irraas, karaa lixa biiftuu irraas dhufanii mootummaa waaqaa keessatti Abrahaam, Yisihaqii fi Yaqaqobii wajjin maaddiitti ni dhiyaatu. <sup>12</sup>Ijoolleen mootummichaa garuu, dukkan keessatti alaatti ni darbatamu; achittis boo'aa ilkaan isaani walitti ni qaru". <sup>13</sup>Yasuusis, ajajaan dhibbaa sanaatiin, "Deemi! Akkuma ati amantetti, siifis haa ta'u" jedheen. Sa'aatti dhuma sanattis ergamichi ni fayye. <sup>14</sup> Yasuus mana Pheexroos yeroo dhufee turettis, amaatiin Pheexroos dhukkuba dhaqna-gubaadhaan dhukkubsattee otoo ciisa jirtuu arge. <sup>15</sup> Akkuma Yasuus harka ishee qabeen, dhukubichi ishee gadhiise. Isheen is achumaan kaatee isa keessummeessuu jalqabde. <sup>16</sup> Galgala sanas namoonni warra afuura seexanaatiin qabamanii jiran gara Yasuusitti fidanii dhufani. Innis sagalee dhuma tokkoon afuurota sana isaan irraa baasee (ari'ee), warra dhukkubsatan hundumaa fayyise. <sup>17</sup>Kunis kan raawwate isa karaa raajicha Isaayyasiin dubbatamee ture guutuufidha. Innis, "Inni dhibee keenya unu irraa fuudhe; dhukkuboota keenyas unu irraa baate" kan jedhu ture. <sup>18</sup> Amma immoo, Yasuus tuuta namootaa isaatti naanna'anii jiran erga ilaalee booda, gara Galaana Galiilaa duubatti darbanii akka deeman isaan ajaje. <sup>19</sup>Achumaanis, barreessaan tokko gara isaa dhufeetu, "Barsiisa! Garuma ati deemtutti, anis si duukaa nan deema" jedheen. <sup>20</sup>Yasuus immoo, "Waangonni (sardiidonni) boolla qabu; simbiroonni waaqa keessaas, godoo simbraa qabu; Ilmi Namaa garuu, bakka mataa isaa itti hirkifatu illee hin qabu" ittiin jedhe. <sup>21</sup> Barattoota isaa keessaa inni bira tokko immoo, "Yaa Gooftaa! Dura abbaa koo awwaalladhee akkan deebi'uuf naaf eeyyami" jedhee isa gaafate. <sup>22</sup>Yasuus garuu, "Du'aa warri du'aan haa awwaalatani; dhiisiti anaduukaa bu'i" ittiin jedhe. <sup>23</sup>Yeroo Yasuus bidiruu yaabbatee turettis, barattoonni isaaas isaa wajjin yaabbatani. <sup>24</sup>Kunoo qilleensi hamaan galaanicha irraa waan ka'eef, bidiruun sunis humna qilleensichaatiin uffisamee raasame. Yasuus garuu rafee ture. <sup>25</sup>Barattoonni isaaas gara isaa dhufanii isa dammaqsanii, "Yaa Gooftaa, nuti dhumuuf jirraattii, kana jalaa nu baasi," ittiin jedhani. <sup>26</sup>Yasuusis, "Yaa warra amantii xinnoo; maaliif sodaattu?" jedhee isaaniif deebise. Achumaanis ka'eetu qilleensicha fi bishaanicha akka dhaabbataniif isaa abboome (ifate). Battaluma sanattis, tasgabbii guddaan ni uumame. <sup>27</sup>Namoonni achi jiranis waan arganitti ajaa'ibamanii, "Kuni nama attamiiti kan qilleensii fi bishaan illee isaaf abboomamani?" jedhani. <sup>28</sup>Yeroo Yasuus galaanicha ce'ee gara biyya Gadaraa dhufee turettis, namoonni lama warri afuura seexanaatiin qabamanii jiran gara isaa dhufani. Namoonni warri bakka awwaalcha namaa keessaa ba'anii dhufan kunis hamtoota waan ta'anif, karaa deemaan karaa sana darbu tokko illee hin jiru ture. <sup>29</sup>Kunoo isaanis, "Yaa Ilma Waqaayyoo, ati unu irraa maal qabda? Ati as kan dhufte, yeroon jedhame otoo hin ga'in nu gidiruuf (dhiphisuuf) dhaa?" jechaa iyyanii caraananii. <sup>30</sup> Yeroo sanas, hoomaan booyyee, bakka isaan jiran irraa baay'ee kan hin fagaatne, bobba'anii dheedaa jiru turani. <sup>31</sup>Afuronni seexanaa namoota sana irra jiran sunis, "Yoo baastee nu ariita ta'e, gara hoomaan booyyee sanaatti nu ergi" jedhanii isa kadhachaa turani. <sup>32</sup>Yasuusis, "Dhaqaa!" isaaniin jedhe. Isaanis namoota sana keessaa ba'anii booyyota sanatti galani; kunoo, hoomaan booyyee sun hundumtuu gaara ol jedhee dhaabbatee jiru irraa furguggisamanii galaana keessatti namm'anii, bishaanicha keessatti dhumani. <sup>33</sup> Warri booyyee tiksaa turanis baqtanii gara magaalichaa deemuudhaan waan raawwatee ture tokko tokkoon, keessumattuu immoo, waa'ee namoota warra afuura seexanaatiin qabamanii turan sanaa, warra magaala jiranitti odeessani. <sup>34</sup>Kunoo, magaalicha keessa namoonni jiraatan hundumtuu Yasuusiin qunnamuudhaaf yaa'anii dhufani. Yeroo isa arganis, naannoo biyya isaanii gadi dhiisee akka adeemuuf isa kadhatani.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Yasuusis bidiruu yaabbatee galaanicha ce'uudhaan gara magaala isaa dhufe. <sup>2</sup>Kunoo, jaroonni tokko nama qaamni isaa hadoodee ture tokko siree irra ciibsanii gara isaatti fidani. Yasuusis amantii isaanii waan argeef, namicha qaamni isaa hadoodee tureetiin "Ilma ko, jabaadhu! Cubbuuwwan kee siif dhiifamaniiru" jedhe.<sup>3</sup> Warra barreesitoota keessaa muraasni isaanii, garaa isaaniitti, kunoo, "Namichi kuni Waaqayyoon arrabsaa jira" jedhanii dubbatani.<sup>4</sup> Yasuusis waan isaan yaadaa jiran waan bareef, "Maaliif garaa keessan keessatti waan cubbuu yaaddu?" Isa kamtu irra salphaa dha? 'Cubbuuwwan kee siif dhiifamaniiru' jechuu moo 'Ka'ii dhaabbadhuutii deemi' jechuutu salphaa dha? "Ilmi Namaa lafa irratti cubbuuwwaniif dhiifama gochuuf aboo (aangoor) akka qabu garuu beekuu ni maltu,..." erga isaaniin jedhee booda, namicha isa qaamni isaa hadoodee tureetiin immoo, "Ol ka'i; siree kees fudhadhuutii mana keetti gali" jedhe.<sup>5</sup> Namichis ka'ee gara mana isaatti adeeme.<sup>6</sup> Namoonni achitti walitti qabamanii turan, yeroo kana argan ni sodaatani; Waaqayyo, isa aboo akkasii namootaaf kenneefis, ulfina kennani<sup>7</sup> Yasuus otoo achii ka'ee gara biraatti darbaa jiruu, nama Maatiwoos jedhamu tokko, otoo inni dinkaana gibira keessatti sassaabanii keessa ta'ee jiruu arge. Yasuusis, "Ana duukaa bu'i" ittiin jedhe. Innis ka'ee isa duukaa bu'e.<sup>10</sup> Yeroo Yasuus manicha keessa taa'ee maaddiitti dhiyaatee turettis, kunoo, warri gibira sassaabanii fi warri cubbamtoonni dhufanii Yasuusii fi barattoota isaa wajjin maaddiitti dhiyaatani.<sup>11</sup> Warri Faarisootaa yeroo kana araganis, barattoota isaatiin, "Barsiisaan keessan maaliif warra gibira sassaabanii fi warra cubbamtootaa wajjin nyaata?" jedhanii gaafatani.<sup>12</sup> Yasuus yeroo kana dhaga'es, "Namoonni warri qaamni isaanii dadhabaa ta'e malee, warri qaamni isaanii cimaa ta'e, yaala hakiimii hin barbaadani.<sup>13</sup> Hiikni kanaa maal akka ta'e, deemtanii barachuu qabdu: 'Kan ani barbaadu dhiifama dha malee, akka aarsaa anaaf ta'ani miti'. Anis kanan dhufe warra qajeelotaa waamuudhaaf otoo hin ta'iin, warri cubbamoota cubbuu isaaniitti gaabbanii akka dhufanii waamuufi dha" jedhe.<sup>14</sup> Achiin boodas, barattooni Yohaannis gara isaa dhufanii, "Barattooni kee nyaata hin lagatani; nutiifi fi Faarisoon garuu maaliif nyaata lagannaa?" jedhanii Yasuusiin gaafatani.<sup>15</sup> Yasuusis, "Hanga mushurraan (aruusni) isaan bira jirutti, miinzoliin (waa'iloon) isaa gadduu danda'uu? Guyyaan mushurraan suni isaan bira fudhatamu yeroo dhufutti garuu, miinzoliin sunis nyaata ni lagatu."<sup>16</sup> Namni erbee haaraa uffata moofaa irratti hoddhu (erbu) tokko iyyuu hin jiru; sababni isas, erbeen inni haaraan suni uffata moofaa sana irraa citee (tarsa'ee) waan bu'uuf, uuffatichis isa duraa caalaa tarsa'a ta'a.<sup>17</sup> Akkasumas, namoonni waynii haaraa qodaa dulloometti tasuma hin naqani. Akkas goonaan garuu, qodichi ni caba; wayinichis ni dhangala'a; qodichis ni bada. Kana irra garuu, waynii haaraa qodaa haaraatti ni naqu; akkanattis, wayinichis, qodichis badii irraa ni oolu (hafu)" jedhee isaaniif deebise.<sup>18</sup> Yeroo Yasuus kana isaanitti dubbachaa turetti, kunoo namni taa'itaa qabu tokko dhufee isaaf sagade. Innis, "Intalli koo ammuma na duraa duute; maaloo kottutti harka kee ishee irra kaa'iiti naaf fayyisi" jedhee Yasuusiin kadhate.<sup>19</sup> Sana boodas, Yasuus ka'ee barattoota isaa wajjin namicha sana duukaa deemanii.<sup>20</sup> Kunoo, dubartiin, wagga kudha lamaaf dhiigni ishee waan dhangala'uuf rakkachaa turte tokkos, dugda duuba isaatiin dhuftee, fiixee uffata Yasuus tuqxe.<sup>21</sup> Isheenis, "Uffatuma isaa illee otoo tuqee, ani nan fayya" jettee garaa isheetti yaaddee turte.<sup>22</sup> Yasuusis duuba isaatti garagalee, ishee argee, "Intala koo, jabaadu; amantiin kee si fayyiseera" isheettiin jedhe. Sa'aati dhuma sanattis, dubartittiin isaa fayyite.<sup>23</sup> Yasuus mana abbaa taa'itaa sanaa bira yeroo ga'ettis, waca warra ulullee (xurumbaa) gaddaa afuufanii fi namoota naanna'anii boo'anii arge.<sup>24</sup> Achumaanis, Yasuus, "Asii deemaa! Intalli raftee jirti malee, hin duune" isaaniin jedhe. Isaan garuu, qeqiidhaan isatti kolfani.<sup>25</sup> Namoonni erga gadi baafamanii boodas, Yasuus mana keessa ol lixee, intalattii harka ishee qabee ol kaase; isheenis ol kaatee dhaabbatte.<sup>26</sup> Oduun isas naannoo sanatti bakka hundumaatti ni dhaga'ame.<sup>27</sup> Yasuus achii irraa gara biraatti otoo darbaa jiruu, ija jaamonni lama isa duukaa bu'ani. Isaanis, "Yaa Ilma Daawwit, ati mee nu fayyisi!" jechaa iyyanii isa kadhhatani.<sup>28</sup> Yeroo Yasuus manatti ol seenee ture sanattis, jaamonni sunis gara isaatti dhiyaatani. Yasuusis, "Kana gochuu akkan danda'u ni amantuun?" jedhee isaan gaafate. Isaanis, "Eyyee, yaa Goofta" jedhanii isaaaf deebisani.<sup>29</sup> Sana booddees, Yasuus ija isaanii qabee, "Egaa akkuma amantii keessanii isiniif haa ta'u!" jedhe.<sup>30</sup> Battaluma sanattis, iji isaanii baname. Achiin boodas, Yasuus, "Beekkadhaa, namni tokko illee waa'ee kana akka hin dhageeny" jedhee of eeggannoodhaan isaan akekkachiise.<sup>31</sup> Namoonni lameen suni garuu akkuma achii ba'aniin oduu isaa naannoo sanatti bakka hundumaatti tamsaasani.<sup>32</sup> Akkuma namoonni lameen suni achii ba'aniid deemaniinis, namni arrabni isaa afuura seexanaatiin xaxamee dubbachuu dadhabe tokko, gara Yasuusitti fidame.<sup>33</sup> Afuurichi namicha keessaa erga ari'amee boodas, namichi ni dubbate. Namoonni achitti walitti qabamanii jiranis, isa ta'e raajeffachaa, "Waanti akkasii kun Israa'el keessatti tasuma argamee hin beeku" jedhani.<sup>34</sup> Faarisoonni garuu, "Inni seexanoota kan baasu humna isa seexanoota bulchuutiini dha" jedhani.<sup>35</sup> Achiin boodas, Yasuus magaalotaa fi gandoota hunduma bira deeme. Manneen sagadaa isaanii keessattis, wangeela mootummaa Waaqayyoo lallabee barsiisuu,

dhukkubootaa fi dhibeewan hundumaas fayyisuu itti fufe.<sup>36</sup> Yusuus, namoota hedduu walitti qabamanii isa wajjin jiran, yeroo arges, waan isaan rakkachaa fi haamlee dhabanii tureef, isaaniif gadde. Isaan akka hoolota tiksee hin qabnee turani.<sup>37</sup> Barattota isaatiinis, “Midhaan sassaabamu baay’ee dha; hojjetoonni sassaaban garuu muraasa dha;<sup>38</sup> Kanaafuu, dafaatii Gooftaa midhaanichaa, hojjetoota gara midhaan isaaatti akka ergu, kadhadhaa” jedhe.

## Chapter 10

<sup>1</sup>Yasuus barattoota isaa kudha lamaan bakka tokkotti waamee, afuurota hin qulqulloofne akka baasaniif, dhukkubootaa fi dhibeewwan hundumaas akka fayyisaniif aangoo isaaniif kenne.<sup>2</sup> Maqaan ergamoota (barattoota) kudha lamaaniis kunooti: Inni duraa, Sim'i'oone (isa inni Pheexroos jedhees moggaase); Indriyaas, obboleessa Pheexroos; Yaaqoob, ilma Zabdiwoos; Yohaannis, obboleessa Yaaqoob;<sup>3</sup> Filiphooosii fi Bartolomewoos; Toomaasii fi Maatiwoos, isa gibira sassaabu; Yaaqoob, ilma Alfewoosii fi Taadiwoos;<sup>4</sup> Sim'i'oone, isa inaaftichaa fi Yihudaa Keeriyoot, isa Yasuusiin gane (dabarsee kenne).<sup>5</sup> Isaan kudha lamaan kunneenis ni ergamani. Yasuusis "Iddoo warri Waaqayyoon hin amanne jiraatan hin deemiinaa; magaala warra Samaaritaanii keessa hin seeniinaa.<sup>6</sup> Bakka kanaa immoo, gara mana Israa'el warra hoolota badanii dhaqaa; <sup>7</sup>Yeroo dhaqxanis, 'Mootummaan waaqaa dhiyaatee jira' jedhaatii lallabaa.<sup>8</sup> Dhukkubsataa fayyisaa; du'a, kaasaa; qurcoota fayyisaa; afuura seexanootas baasaa. Tolaan waan argattaniif, isinis tolaan kennaa.<sup>9</sup> Warqee, meetii yookiiniis sibiila diimaa hin gudunfatiina;<sup>10</sup> Imala keessaniif jettanii, korojoos, qomee dabalataas, kophee dabalataas, ulees hin baatiinaa; hojjetaan tokko nyaata isa barbaachisu argachuun isaaf ni mala.<sup>11</sup> Magaala fi ganda deemtan bakka hundumaatti iyyu nama ta'u barbaadaatii, hanga achii deemtanitti isa bira turaa.<sup>12</sup> Mana isaatti yeroo lixxanis, nagaan gaafadhaa.<sup>13</sup> Manichi gaarii yoo ta'e, nagaan keessan isa irratti haa dhufu; gaarii ta'u yoo baate garuu, nagaan keessan isiniif haa deebi'u.<sup>14</sup> Yeroo mana yookiin immoo magaala warra sirriitti isin hin simanne yookiin immoo waan isin dubbattan hin dhaggeeffanne gadi dhiistanii deemtan, awwaara isaanii miilla keessan irraa dhadha'adhaa.<sup>15</sup> Ani dhuguma nan isinitti hima; gaafa guyyaa firdii inni warra Sodoomii fi Gomoraa irra ga'u, kan magaala kanaa irra ga'u caalaa salphaa ni ta'a" jedhee isaan hubachiise.<sup>16</sup> "Hubadhaa! Ani akka hoolotaatti kan ani isin ergu yeeyyii giddutti waan ta'eef, akka bofaa gamma ta'a; akka gugees garraamii ta'a.<sup>17</sup> Namoota irraa of eeggaa! Isaan yaa'ii mama murtiitti dabarsanii isiniin ni kenuu; manneen sagadaa isaanii keessattis isiniin ni reebu.<sup>18</sup> Sana boodas, anaaf jettanii warra Waaqayyoon hin amanneef akka dhugaa baataniiif jedhanii, fuula warra biyya bulchanii fi fuula moototaa duratti isiniin ni dhiheessantu.<sup>19</sup> Yeroo qabanii isin kennanis, waa'ee waan dubbattanii fi attamitti akka dubbattan hin yaadda'iinaa; maal akka jettan yeroodhuma sana isiniif ni kennama.<sup>20</sup> Kan dubbattu isin miti; Afuurri Abbaa keessanii garuu isin keessaa ni dubbata.<sup>21</sup> Obboleessi obboleessa isaa, abbaanis mucaa isaa dabarsee ni kenna. Ijoolleenis warra isaanii irratti ka'anii, warra isaanii ni in ajjeesus.<sup>22</sup> Isinis, sababa maqaa kootiif jettanii, hundumaa biratti ni jibbamtu. Eenyumtuu inni hanga dhumaatti rakkina isa irra ga'u obsu garuu, inni ni fayya.<sup>23</sup> Magaala isa tokko keessaa yoo isin ari'atan, gara magaala isa biraatti baqadhaa; ani dhuguma nan isinitti hima, Ilmi Namaa hanga dhufutti magaalota Israa'el adeemtanii waliin hin geessani.<sup>24</sup> "Barataan tokko barsiisaa isaa hin caalu; hojjetaan tokkos ajajaa isaa (nama isa hojjechiisu) hin caalu.<sup>25</sup> Barataan akka barsiisaa isaa, hojjetaanis akka hojjechiisaa isaa taanaan ni ga'a. Abbaa manaatin Biilzebuul (Alaqaa Seexanaa) jedhanii waamu yoo ta'e, maqaan warra maatii mana sanaa ittiin waaman immoo hangam caalaatti gadhee ta'a ree!<sup>26</sup> Kanaafuu, dhoksaatti waan jiru keessaa waanti ifa hin baane waan hin jiraanneef, icciidhaan waan eegamee jiru keessas, waanti hin beekamne waan hin jiraanneef, isaaniiin hin sodaatinaa.<sup>27</sup> Dukkana keessatti waantan ani isinitti himu, ifa guyyaa keessatti dhageessisaa; waanta gurra keessaniiiti asaasame, bantii manaa irra dhaabbadhaatii labsaa.<sup>28</sup> Warra foon ajjeesan, lubbuu garuu ajjeesuu hin dandeenye, hin sodaatinaa. Isa foonii fi lubbuu ajjeesee boolla ibiddaatti naquu danda'u sana garuu sodaadhaa.<sup>29</sup> Simbirrooni lama saantima tokkootti hin gurguramnee? Garuu immoo, otoo Abbaan keesan hin beekiin, tokkoon isaanii illee lafatti hin kufani;<sup>30</sup> Garuu, rifeensi mataa keessanii illee hundumi isaa ni laka'a'ama.<sup>31</sup> Hin sodaatinaa. Isin simbirroota caalaa faayidaa ni qabdu.<sup>32</sup> Kanaafuu, nama namoota duratti anaaf dhugaa ba'eef, anis Abbaa koo isa waqa keessa jiru duratti isaaf dhugaa nan ba'aaf.<sup>33</sup> Isa namoota duratti anaan kaade (gane) garuu, anis Abbaa koo isa waqa keessa jiru duratti isaatiin nan kaada.<sup>34</sup> "Ani biyya lafaa irratti nagaan fiduudhaaf waanan dhufe isinitti hin fakkaatin. Ani haaduu fiduudhaaf malee, nagaan fiduudhaaf hin dhufne.<sup>35</sup> Ani, ilma abbaa isaa irratti, intala haadha ishee irratti, haadha manaa ilmaa amaatiis ishee irratti kaasuuudhaafi kan ani dhufe.<sup>36</sup> Diinonni nama tokkoos namootuma warra maatii mana sana ta'anii jirani dha.<sup>37</sup> Namni anaan caalsisee abbaa yookiin haadha isaa jaalatu, inni anaaf gatii hin qabu; akkasumas, namni anaan caalsisee ilma yookiin intala isaa jaalatu, inni anaaf gatii hin qabu.<sup>38</sup> Namni fannoo isaa baatee ana duukaa hin buune, inni anaaf gatii hin qabu.<sup>39</sup> Namni inni jirenya ofi isaa barbaadu, jirenya isaa ni dhaba. Inni anaaf jedhee jirenya isaa dhabu garuu, jirenya ni argata.<sup>40</sup> "Namni inni siitiin simatu, anaatiinis ni simata; inni anaatiin simatus, isa ana ergeetiin ni simatama.<sup>41</sup> Namni inni raajii tokko, raajii ta'uua isatiif simate, gatii raajii tokkoo ni argata; namni inni nama qajeelaa tokko, qajeelaa ta'uua isatiif simate, gatii nama qajeelaa tokkoo ni argata.<sup>42</sup> Dhuguman isinitti hima, eenyumtuu inni isaan xixiqqa kana keessaa, isa tokkoof waan inni barataa koo ta'eef, bishaan qabbanaa'aa hulle tokko illee yoo kennef, karaa kam illee yoo ta'e, inni gatii isaa hin dhabu.

## Chapter 11

<sup>1</sup> Yasuuus barattoota isaa kudha lamaan waan gochuu qabani isaanitti himuu erga raawwatee boodas, iddoो jiru sana gadi dhiisuudhaan gara magaalota isaanii barsiisuudhaa fi lallabuudhaaf deeme. <sup>2</sup>Yohaannis otoo mana hidhaa keessa jiruu, hojiwwan Kiristoos yeroo dhaga'etti, karaa barattoota isaa Yasuusitti dhaamsa erge; <sup>3</sup>Ergaa isaatiinisolotas, “Kan dhufuudhaaf jiru si dha moo kan biraa haa eegganuu?” isaatiin jedhee gaafate. <sup>4</sup>Yasuusis, “Deemaatii waan argitanii fi waan dhageessan Yohaannistti himaa. <sup>5</sup>Warri jaamanii turan, deebisanii argani; waarri miilli isaanii laamsha'ee ture, ni adeemani; qurcoonni ni fayyani; warri duudaan, deebisanii ni dhaga'anii; warri du'ani, deebisanii lubbuu horani; warra hiyyeessotaafis wangeelli lallabamaa jira. <sup>6</sup>Eenyumtuu inni waa'ee kootiif hin gufanne, ebbisamaa dha” jedhee isaaniif deebise. <sup>7</sup> Warri ergaman kunis erga deebi'anii, Yesus waa'ee Yohannis cuuphaa namootatti dubbachuu jalqabee, “Maal arguu Yohannis bira gara lafa onaa dhaqsan? Jajjaba qilleensi raasuu? <sup>8</sup>Garuu maal ilaaluudhaaf deemtani ture? Nama uffata bareedaa uffatee jiru miti hin turree? Dhugumatti garuu, warri uffata bareedaa uffatan mana moototaa keessa jiraachaa jiru. <sup>9</sup> Garuu maal ilaaluuf baatani? Raajii ilaaluudhaafii? Eyyee, ani nan isinitti hima, isin ilaaluuf kan baatani isa raajii irra iyyuu kan caaluu dha. <sup>10</sup>Inni kuni isa waa'een isaa barreessameefi dha. Innis, “Hubadhu, ani ergamaa koo, isa karaa kee siif qopheessuu, si dura nan erga” jedhamee kan barreessame dha. <sup>11</sup> Ani dhuguman isinitti hima, namoota dubartiin deesse gidduudhaa, namni Yohaannis Cuuphaa caalaa cimaan hin dhalanne. Garuu, mootummaa waaqaa keessatti inni hundumaa irra xinnaa ta'e iyyuu immoo isa ni caala. <sup>12</sup>Baroota Yohaannis Cuuphaa irraa jalqabee hanga ammaatti, mootummaan waaqaa finciltootaan dhiibbachaa jira; warri finciltootnis humnaan mootummaa waqqaa ni fudhatu. <sup>13</sup> Raajonni hundumtuu fi seerri hanga bara Yohaannis Cuuphaatti turaniis, kanuma raajii ba'aa turani. <sup>14</sup>Kana fudhachuduudhaaf qophaa'ota yoo taatani, inni dhufuuf jedhee ture Eeliyas dha. <sup>15</sup>Inni gurra dhagga'u qabu, haa dhagga'u. <sup>16</sup>Dhaloota bara kanaa, maal waliin wal bira qabee madaaluun natti jiraa? Eyyee, dhalootni bara kanaa akka ijoollee lafa gabaa keessa taa'anii hiriyyoota isaanii waamanii ti; <sup>17</sup>Isaanis, ‘Nuti ulullee isiniif afuufnaan, isin garuu hin sirbine (shubbisne); nuti faaruu gaddaa isin dhageessifne, isin garuu hin boonye’ warra jedhanii dha. <sup>18</sup> Yohaannis otoo hin nyaatiin, otoo hin dhugiinis waan dhufeef, isaan garuu, ‘Inni Seexana qaba’ jedhani. <sup>19</sup>Yeroo Ilmi Namaa nyaatees, dhugees dhufe immoo, isaan, ‘Ilaala, namicha kana, isa albaadhessaa fi machaa'aa kana, isa michuu warra gibira sassaabanii fi hiriyyaa warra cubbamtoota!’ jedhani. Ogummaan garuu hojiwwan isheetiin ni qulqulloofti. <sup>20</sup>Sana boodas, Yasuuus magaalota warra raajiiwan isaa garri caalaan keessatti hojjetaman, waan isaan balleessaa isaaniitti gabbanii dhiifamaan irraa deebi'uu didaniif, isaan qeequu jalqabe. <sup>21</sup>“Siif wayyoo, yaa Koraaziin! Siif wayyoo, yaa Beetesayida! Raajiiwan isin keessatti hojjetaman, otoo Xiiroosii fi Sidoon keessatti hojjetamanii ture ta'ee, sabni isaan keessa jiraatu yoona kana duruu uffata gaddaa uffatanii, daaraas ufitti dibanii cubbuu isaanii of irraa dhiqaniiru ture. <sup>22</sup>Ani garuu nan isinitti hima, guyyaa firdiin itti kennamu sana, firdiin Xiiroosii fi Sidooniif kennamu kan keessan irra ni salphata. <sup>23</sup>Yaa Qifirnaahoom, amma ati waqaatti waan ol fudhatamtu sitti fakkaataa? Hin ta'u; ati boolla ibiddaatti gadi darbatamta. Raajiiwan si keessatti hojjetamanii turani, otoo Sodoom keessatti godhamtanii ture ta'ee, hanga har'aatti Sodoom dhaabatee ni argama ture. <sup>24</sup>Ani garuu nan isinitti hima, guyyaa firdiin kennamu sana, kan biyya Sodoom kan kee caalaa ni salphata. <sup>25</sup>‘Sa'atii sanattis, Yasuuus, “Yaa Abbaa, Gooftaa waqqaa fi lafaa, waantota kana warra gamnaa fi beekaa jalaa dhoksinee, ijoollee xixinnotti waan mul'ifteef sin galateeffadha; <sup>26</sup>Eyyee, yaa Abbaa, kuni isa siitiin gammachiisu dha. <sup>27</sup>Waanti hundumtuu kan kan anaaf laatame Abbaa irraati; Abbaa irraa kan hafe, namni Ilma beeku hin jiru; Ilma irraa kan hafe, Abbaa kan beeku hin jiru; nama Ilmi itti mul'isuuf filate malee, Abbaa kan beekus hin jiru. <sup>28</sup> Warri itti dhamaatanii dadhabdanii fi warri ba'aan keessanis isinitti ulfaate hundumti keessanuu gara koo kottaa; ani boqonnaa isiniif nan kenna. <sup>29</sup>Waanjoo koo ana irraatti fuudhadhaa; ana irraattiis baradhaa, ani garaa kootti garraamii fi nama gadi jedhee jiraatu silan ta'ef, boqonnaa lubbuu keessaniifis ni argattu. <sup>30</sup>Waanjoon koo salphaa dha; ba'aan koos hin ulfaatu” jedhe.

## Chapter 12

<sup>1</sup> Yeroo sana Yasuu guyyaa gaafa Sanbataa maasii midhanii tokko keessa darbe. Barattoonni isaa beela'anii waan tureef, asheetii isaa ciranii nyaachuutti ka'ani. <sup>2</sup>Warri Faarisootaa yeroo kana argan garuu, Ysuusiitiin, "Ilaali; barattoonni kee waanta gaafa Sanbataan hojjechuun seeraan ala ta'e hojjechaa jiru" jedhani.<sup>3</sup> Yasuus garuu, "Daawwitii fi namoonni isa wajjin turani yeroo beela'anii turani waan godhanii ture isin tasuma hin dubbifne?" jedhee isaaniif deebise. <sup>4</sup>Daawwit mana Waaqayyoo keessa seenee, buddeena kennaaf dhiyaate, isa luboota irraa kan hafe namni biraan nyaachuun seeraan ala ta'e, innis, namootni isa wajjin turanis, ni nyaatani.<sup>5</sup> Guyyaa gaafa Sanbataa, luboonti mana sagadaa keessatti Sanbata akka xureessan, garuu immoo akka balleessaatti akka isaanitti hin lakkaa'amne, isin seericha keessaatti hin dubbifne?<sup>6</sup>Ani garuu nan isinitti hima; mana sagadaa kan caalu as jira.<sup>7</sup> Isin, inni 'Ani dhiifama (garaalaafina) malee, aarsaa hin barbaadu' jedhu, hiikni isa maal jechuu akka ta'ee, otoo beektaniittu ture ta'ee, warra yakka hin qabne, hin yakkitali ture.<sup>8</sup>Ilmi Nammaa suni, Gooftaa guyyaa gaafa Sanbataa sanaati" isaanini jedhe.<sup>9</sup> Achiin boodas, Yasuus bakka sana gadi dhiisee deemee, mana sagadaa isaanii keessa lixe.<sup>10</sup>Kunoo, namni harkii iaa naafaate tokko achi ture. Warri Faarisootas cubbuudhaan isa yakkuudhaaf jedhanii, "Guyyaa Sanbataa fayyisuun seeraan danda'amaa dha?" jechuudhaan isa gaafatani.<sup>11</sup> Yasuusis, "Isin keessaa namni hoolaa tokko qabuu fi hoolaan isaaas guyyaa Sanbataa boolla keessaatti yoo kufe, inni hoolaa isaa qabee achi keessaa hin baafne, nama isa kami dha?"<sup>12</sup>Egaa, faayidaan nاما kan hoolaa irra hangam caalaatti guddaa dha! Kanaafuu, guyyaa Sanbataa waan gaarii hojjechuun seeruma dha" jedhee isaanitti hime.<sup>13</sup> Sana booddees, Yasuus namichaatiin, "Harka kee diriirsi!" jedhe. Innis harka isaa ni diriirse; harki isas, akkuma harka isa fayyaa, deebi'ee fayyaa ta'e.<sup>14</sup>Warri Fariisotaa garuu gadi ba'aniisa irratti mari'atani. Isaan isaa balleessuudhaaf barbaadu.<sup>15</sup> Yasuusis kana waan bareef, achii deeme. Namoonni baayy'eenis isaa duukaa deemani; innis hunduma isaanii ni fayyise.<sup>16</sup>Namoota biraattis akka isaa hin beeksifne isaan akeekkachiise.<sup>17</sup>Kunis isaa Isaayyas raajichaan dubbatamee ture akka raawwatamuufi dha.<sup>18</sup> Innis, "Hojjetaa koo isaa ani filadhe, isaa jaallatamaa koo, isaa lubbuun koo itti gammadu, ilaala. Ani Afuura koo isaa irra nan buusaa (ka'a'a); innis warra Waaqayyoon hin amanneef firdii qajeelaa ta'e ni labsa."<sup>19</sup> Inni hin jeequ; hin iyyus; namni tokko illee sagalee isaa daandii irratti hin dhaga'u.<sup>20</sup>Hanga dhugaan firdii akka argattu godhutti, shambaqqoo cabuu ga'e iyyuu hin cabsu; fo'aa (kirrii) laambaa (kurraazii) aaraa jiru iyyuu hin dhaamsu;<sup>21</sup>Warri Waaqayyoon hin amannees, maqaa isattti ni abdatu" isaa jedhamee ture dha.<sup>22</sup> Sana boodas, namni jaamaa fi arrabni isaa hidhamee, afuura seexanaatiinis qabamee jiru tokko, gara Yasuusitti fidame. Yasuusis, akka arrabni isaa dubbatutti fi akka iiji isaa argutti godhee isaa fayyise.<sup>23</sup>Namoonni achitti walitti qabamanii jiran hundumtuu waan ta'etti dinqamanii, "Kuni Ilma Daawwit ta'uu ni danda'aa?" jedhani.<sup>24</sup> Warri Faarisootaa yeroo raajii kana dhaga'ani garuu, "Namichi kuni, Bi'eel Zebuliitiin, isaa ilma angafa Seexanootaatiin, yoo ta'ee malee, afuura seexanaa baasu hin danda'u" jedhani.<sup>25</sup>Yasuus garuu yaada isaanii baree waan tureef, "Mootummaan inni tokkummaan isaa gargar ba'e inni kam iyyuu, magaallii inni tokkummaan isaa gargar ba'e inni kam iyyuu, akkasumas, manni inni tokkummaan isaa gargar ba'e inni kam iyyuu, dhaabachuu hin danda'u."<sup>26</sup> Seexannis Seexana baasa yoo ta'e, inni tokkummaan isaa gargar ba'ee jira. Mootummaan isaa egaa attamitti dhaabachuu danda'a?<sup>27</sup>Ani Bi'eel Zebuliitiin afuurota seexanaa nan baasa yoo ta'e, ilmaan keessan eenyutiin isaan baasu? Sababa kanaafis jecha, isaan isin irratti warra faradan ni ta'u.<sup>28</sup> Ani afuura seexanootaa kan aniaa baasu Afuura Waaqayyootiin yoo ta'e garuu, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhuferra.<sup>29</sup>Eenyumtuu mana nاما cimaa tokko keessa seenee qabeenya isaa saamee deemuu attamitti danda'a, namicha cimaa sana duraa dabarsee yoo hidhe malee? Erga isaa hidhee booda garuu, qabeenya isaa saamee deemuu ni danda'a.<sup>30</sup>Namni inni ana wajjin (faana) hin taane, inni anaaf diina koo ti; akkasumas, namni inni ana wajjin walitti hin qabamne, ni bittinsa.<sup>31</sup> Kanaafuu, anii isinitti nan hima; cubbuu fi arrabsoon inni kam illee namootaaf ni dhiifamu; arrabsoon Afuura Qulqulluu irratti ka'u garuu hin dhiifamu.<sup>32</sup>Namni inni hamaa Ilma Nama dubbatu kam iyyuu dhiifama ni argata. Namni inni hamaa Afuura Qulqulluu dubbatu kam iyyuu garuu, biyya lafaa isaa kanattis, biyya lafaa isaa dhufuuf jedhuttis, dhiifama hin argatu.<sup>33</sup>Muka gaarii dhaabaa; midhaan isaaas gaarii ni ta'a; yookiin immoo, muka gadhee dhaabaa; midhaan isaaas gadhee ni ta'a; mukti addaan baasamee kan beekamu, midhaan inni baasuun (kennuun) dha.<sup>34</sup>Isin warra sanyii mar'ataa; isin cubbamtoota (hamtoota) waan taatanifi, attamitti waan gaarii dubbachuu dandeessu? Afaan kan dubbatu isaa garaa keessa guute jiru dha.<sup>35</sup>Namni gaariin, qabeenya gaarummaa garaa isaa keessa jiru keessa, gaarii ni baasa; namni hamaanis, qabeenya hammina garaa isaa keessa jiru keessa, hamaa ni baasa.<sup>36</sup> Ani nan isinitti hima, gaafa guyyaa firdii, namoonni dubbii yaada malee afaan isaanii keessa ba'e hundumaaf, itti ni gaafatamu.<sup>37</sup>Dubbiwwa keessaniin, dhugaa ni argattu; dubbiwwan keessaniinis, isinitti ni yakkamtu".<sup>38</sup> Yeroo sanattis, warra barreessitoota fi Faarisoota keessa namoonni muraasni, "Yaa barsiisaa, akka ati mallattoo (milikkita) nutti argisiiftu ni barbaanna" jedhanii Yasuusii gaafatani.<sup>39</sup>Yasuusis, "Dhaloonni cubbamaa fi sagaagalaan

milikkita ni barbaada. Milikkita Yoonaas raajicha irraa kan hafe garuu, milikkinni tokko illee issaf hin kennamu.<sup>40</sup> Akkuma Yoonaas garaa qurxummii guddaa keessa guyyaa sadii fi halkan sadii ture, Ilmi Namaas guyyaa sadii fi halkan sadilif garaa lafaa keessa turuuf ni jira.<sup>41</sup> Gaafa guyyaa firdiis, uummanni Nanawwee dhaloota kana wajjin ka'anii, ittis ni faradchiisu. Isaan lallaba Yoonaas dhaga'ani, balleessaa isaanitti gaabbanii dhiifamaan irraa deebi'anii jiru; amma garuu, kunoo, inni Yoonaas caalaa cimaa ta'e tokko as jira.<sup>42</sup> Mootitiin biyya Kibbaa guyyaa firdiitti dhaloota si'anaa kanaa wajjin ni kaati; isaaniinis yakkitee firdiitti isaan dhiheessiti. Isheenis biyya fagoodhaa kan dhufte ogummaa Soloomoon dhaggeeffachuudhaaf ture; amma garuu, kunoo, inni Soloomoon irra cimaa ta'e as jira.<sup>43</sup> Afuurri qulqulluu hin taane name keessaa yeroo ba'u, iddoowwan bishaan hin qabne keessa darbuudhaan bakkeewwan itti aara galpatu barbaada; garuu immoo hin argatu.<sup>44</sup> Sana boodas, inni 'Mana koo isan keessaa ba'ee dhufeetti nan deebi'ee gala' ni jedha, manichis qulqulleessamee haramee waan sirreessamee jiruuf, duwwaa isaa ni argata.<sup>45</sup> Itti aanees, afuurota toorba warra isa caalaa hamaa ta'an of duukaa fudhatee deemuudhaan hundumti isaanis achi manicha keessa ni jiraatu. Achiin boodas, jireenyi namichaa isa duraa caalaa hammaataa ta'a. Kan dhaloota cubbamaa ammaa kanaas akkasuma ni ta'a" jedhe.<sup>46</sup> Yeroo Yasuus namootaa isa biratti walitti qabamanii jiran itti dubbachaa turettis, kunoo, haati isaa fi obboloonni isaa, isatti dubbachuu waan barbaadaniif, ala dhaabachaa turani.<sup>47</sup> Namni tokkos, "Kunoo ilaali; haati kee fi obboloonni kee, sitti dubbachuu barbaadaniitu ala dhaabatanii jiru" ittiin jedhe.<sup>48</sup> Yasuus garuu, "Haati koo eenyu dha? Obboloonni koos eenyufaa dha?" jedhe namichatti deebise hime.<sup>49</sup> Sana boodas, harka isaa gara barattoota isaatiitti qabee, "Haati koos, obboloonni koos, kunooti!<sup>50</sup> Eenyumtuu, inni jaalala Abbaa koo isa waaqa keessaa hoijetu, inni obboleessa koo ti, obboleettii koo ti, haadha koo ti" jedhe.

## Chapter 13

<sup>1</sup> Guyyaadhuma sanas Yasuus manaa ba'ee galaana qarqara taa'e.<sup>2</sup> Namoonni hedduun isatti naanna'anii waan walitti qabamaniif, bidiruu tokko yaabbatee isa keessa taa'e; namoonnis qarqara galaanichaa dhaabbatani.<sup>3</sup> Sana boodees, Yasuus, fakkeenyaa garaa garaatiin, waan heduu isaanitti hime. Innis, "Kunoo, qotee buaan tokko sanyii facaasuuudhaaf gadi ba'e.<sup>4</sup> Yeroo facaasuuus, sanyiin tokko tokko karaa bukkeetti bu'ani (harca'ani); simbirroonni immoo dhufanii isaan nyaatani.<sup>5</sup> Sanyiin warri kaan immoo lafa dhagaa biyyoo baay'ee hin qabne irratti bu'ani. Biyyoon isaan irra bu'ani gadi fageenya waan hin qabneef, isaan dafanii biqilani.<sup>6</sup> Akkuma aduuun isaanitti ba'een garuu ni cooligani; hiddas waan hin qabneef, ni gogani.<sup>7</sup> Sanyiin warri kaan immoo mukoota qoraattii qaban gidduutti bu'ani. Mukoonni qoraattii qaban yeroo guddatan, isaan wawwaraanani.<sup>8</sup> Sanyiin warri kaan biyyoo gaarii irra bu'anii midhaan godhatani; oomishni isaaniis, kan gar tokkoo dachaa dhibba, gar tokko dachaa jaatama, gar tokko immoo dachaa soddoma ta'e.<sup>9</sup> "Namni inni gurra qabu, haa dhagga'u" isaaniin jedhe.<sup>10</sup> Barattoonni isaas dhufanii, "Maaliif fakkeenyaaan isaanitti dubbatta?" jedhanii Yasuusiin gaafatani.<sup>11</sup> Yasuusis, "Iccitiwwan mootummaa waaqaa beekuun isiniif kennameera; isaaniif garuu hin kennamne.<sup>12</sup> Isa qabuuf, dabalataan waan isaaf kennamuuf, inni kan isa irraa hafu iyyuu ni qaba. Inni hin qabne garuu, waan inni qabu iyyuu isa irraa ni fudhatama.<sup>13</sup> Ani fakkeenyaaan kan isaanitti dubbadhus, kanaafi dha. Isaan ni ilaalu yoo ta'es, hin argani; ni dhaga'u yoo ta'es, hin dhageeffatanii; yookiin immoo isaaniif hin galu (hin hubatani)..<sup>14</sup> Inni Isaayyas raajee ture isaan irratti raawwatamee jira; innis isa, 'Dhaga'uummaa, ni dhageessu; garuu, isin tasuma hin hubattani; ilaaluummaa, ni ilaaltu; garuu, isin tasuma hin beektani.<sup>15</sup> Yaadni garaa saba kanaa hadoodee waan jiruuf, gurri isaanii hin duudeera; iiji isaaniis dununfachiisameera. Akkas ta'uu otoo baatee, ija isaaniiitiin akka argan, gurra isaaniiitiin akka dhaga'an, akkasumas, yaada garaa isaaniiitiinis akka deebi'ani hubataniif, anuu nan isaan fayyisa ture' inni jedhee ture dha.<sup>16</sup> Iiji keessan waan arguuf, gurri keessanis waan dhaga'uuf, isin garuu eebbfamtoota dha.<sup>17</sup> Ani dhuguman isinitti hima; raajonni fi namoonni qajeeloo baay'een isa isin argitan kana arguuf barbaadanii ture; garuu immoo hin argine; akkasumas, waan isin dhageessan, dhaga'uuf hawwanii ture; garuu immoo hin dhageenye" jedhee isaaniif deebise.<sup>18</sup> Egaa, hiikkaa fakkeenyaa namicha isa sanyii facaasee dhageeffadhaa.<sup>19</sup> Namni tokko dubbii mootummichaa dhaga'ee hubachuu yoo baate, inni cubbamaan (hamaan) dhufeetu dubbicha isa garaa isaa keessatti facaasamee ture butee ni deema. Kuni sanyii isa karaa bukkeetti facaasamee ture dha.<sup>20</sup> Sanyiin inni lafa dhagaa irratti facaasame, nama isa dubbicha akkuma dhaga'een fudhatee gammadu dha<sup>21</sup> Inni hidda (hundee) kan mataa isaa waan hin qabneef, yeroodhaaf qofaa tura. Sababa dubbicha irraa.kan ka'e, gaafa rakkinni yookiin immoo ari'atamuun ka'u, dafeetu kufa.<sup>22</sup> Namni inni dubbicha dhaga'u, garuu immoo inni waa'ee biyya lafaa waan dhimmamuuf, qabeenyaanis waan gowwomsamuuf, dubbichi isa jalaa waan wawwaraanamuuf, bu'aa (firii) otoo hin horiifiin hafa; namnichi kunis, sanyii isa qoraattii gidduutti facaasamee dha.<sup>23</sup> Sanyiin inni biyyoo gaarii irratti facaafame immoo, namicha isa dubbicha dhaga'uu fi hubatu bakka bu'a. Inni ija ni godhata; midhan isaas inni tokko harka dhibba, inni tokko harka jaatama, inni kaan immoo harka soddoma ni baayy'ata" jedhe<sup>24</sup> Yasuus ammas fakkeenyaa biraa tokko isaanitti hime. Innis akkas jedhe: "Mootummaan waaqaa nama sanyii gaarii lafa qotisa isaa irratti facaafate wajjin wal fakkaata.<sup>25</sup> Yeroo namoonni rafanitti garuu, diinni namichaa dhufee qamadii gidduutti sanyii aramaa facaasee deeme.<sup>26</sup> Midhaanichi guddatee ija yeroo godhate, aramaan sunis( inkirdaadichis) ni mul'ate.<sup>27</sup> Hojjettoonni abbaa lafaa sunis isa bira dhufanii, 'Goofta, ati sanyii gaarii facaftee hin turee? Amma immoo attamitii aramaa godhate?" jedhanii isa gaafatani.<sup>28</sup> Inni immoo, 'Diinatu akkas godhe' jedhe. Hojjettoonni isaas, 'Akka nuti dhaqnee aramaa sana buqqifnee gatnu ni barbaaddaa?' jedhaniin.<sup>29</sup> Abbaan lafaa sun garuu, 'Yeroo aramaa sana buqqiftan, qamadii faana buqqisuu waan maltaniif, lakkii dhiisaa.<sup>30</sup> Hamma midhaan ga'ee sassaabamutti lachuu walumaa faana haa guddatani. Yeroo midhaan sassaabamu, anuu warra haamaniitiin, "Dura aramicha (inkirdaadicha) bubuqqisanii bilsii bilshiidhaa (kaasuu kaasuudhaan) walitti qabaniid hidhuudhaan akka guban, qamadicha garuu gumbii kootti akka anaaf naqan nan isaanitti hima" jedhee isaanii deebise.<sup>31</sup> Itti aansees, Yasuus fakkeenyaa biraa tokko isaanitti hime: "Mootummaan waaqaa nama sanyii sanaaficaa fuudhee lafa qotisa isaa irratti facaasee wajjin wal fakkaata.<sup>32</sup> Dhugaa dhumatti, iiji sanyii kanaa ija sanyii hundaa irra xiqqaa dha. Yeroo guddatutti garuu midhaan maasaa keessa jiran hunduma irra caalee guddaa ta'a. Muka guddaa waan ta'uufis, simbirroonni waaqaa dhufanii dameewwan isaa irratti godoo isaanii ni ijaarratu" jedhe.<sup>33</sup> Yasuus ammas itti dabalee fakkeenyaa biraa isaanitti hime. "Mootummaan waaqaa raacitii dubartiin fuutee daakuu safartuu sadii itti maktee hanga bukoon bukaa'utti bukeessitu fakkaata" jedhe.<sup>34</sup> Yasuus, waantota kanneen hunda namoota achitti walitti qabamanii jiranitti, fakkeenyaaan dubbate; fakkeenyaa malees waan tokko iyyuu isaanitti hin dubbanne.<sup>35</sup> Kunis kan ta'e, inni raajichaan dubbatamee ture akka raawwatamuufi dha. Innis, "Ani fakkeenyaaan afaan koo saaqqa dha. Uumamuu biyya lafaa irraa jalqabee waantota dhokatanii turanis, nan hima"

kan jedhu ture.<sup>36</sup> Achiin boodas, Yasuu namoota achitti walitti qabamanii jiran gadi dhiisee, gara manaa lixe. Barattoonni isaas gara isaa dhufanii, "Fakkeenya aramaa maasaa keessaa sana unuuf hiiki" jedhanii isa gaafatani. <sup>37</sup>Yasuusis, "Namichi inni sanyii gaarii facaa, Ilma Namaa ti." <sup>38</sup>Lafti qotisaa, biyya lafaa ti; sanyiin gaariin sunis, ilmaan mootummaa ti. Aramooni suni immoo, ilmaan isa cubbamaa (hamaa) ti. <sup>39</sup>Diinichi inni sanyii aramaa facaase immoo Seexana dha. Sassaabbiin midhaanii immoo guyyaa dhuma biyya lafaa ti; warri haaman immoo ergamoota Waaqayyoo ti.<sup>40</sup> Kanaafuu, yeroo aramaan walitti qabamee ibiddaan gubamu, yeroon kuni dhuma biyya lafaa tis. <sup>41</sup>Ilmi Namaa ergamoota isaa ni erga; isaanis mootummaa isaa keessaa waantota nama gufachiisan fi warra seeraan ala hoijetan hunduma walitti qabu <sup>42</sup>Ergamooni sunis, waantota walitti qaban, boolla ibiddaa, iddo itti boo'anii fi ilkaan walitti qaran, keessatti gadi darbatu. <sup>43</sup>Achiin booda egaa, namoonni warri qajeelloon mootummaa Abbaa isaanii keessatti akka biiftuutti ni ifu. Namni inni gurra qabu, mee haa dhaggeeffatu" jedhee isaaniif deebise. <sup>44</sup> "Mootummaan waaqaa akka qabeenya lafa qotisaa keessa dhokfamee kaa'amee tokkoo ti. Namni tokkos qabeenya kana argee deebisee erga dhoksee. Innis gammachuudhaa deemuudhaan waan qabu hundas gurguruudhaan laficha ni bitata. <sup>45</sup>Ammas, mootummaan waaqaa daldalaa isa calleewwan gatii guddaa qaban barbaadaa jiru fakkaata. <sup>46</sup>Naggaadichis calleee gatii guddaa baasuu waan argateef, deebiuudhaan waan qabu hunduma gurguruudhaan calleee sana bitate" jedhe. <sup>47</sup> Ammas, "Mootummaan waaqaa kiyyoo galaana keessatti darbatamee qurxummoota adda adda hunduma walitti qabe fakkaata.

<sup>48</sup>Kiyyichi yeroo guutettis, warri qurxummii baasan qarqara galaanaatti harkisanii baasanii. Isaanis, gadi taa'ani, qurxummoota isaan gaggaaq qodaa isaaniitti naqantanii; isaan gaggadhee ta'an immoo achi gatani. <sup>49</sup> Gaafa guyyaa isa dhumaas, akkasuma in ta'a. Ergamooni Waaqayyoos dhufanii warra hamoota warra qajeelota gidduudhaa ni baasu. <sup>50</sup>Warra hamoota sanas boolla ibiddaa, iddootti boo'amuu fi ilkaan walitti qaramu, keessatti ni darbatu jedhe. <sup>51</sup> Waantota kana hunduma hubattaniittuu?" jedhees isaan gaafate. Isaanis, "Eeyyee" jedhanii isaaf deebisani. <sup>52</sup>Sana boodas, Yasuus, "Kanaafuu egaa, barreessaan kam iyyuu inni barataa mootummaa waaqaa ta'ee jiru, abbaa manaa, isa qabeenya isaa keessaa warra moofaa fi warra haaraa ta'ani gadi baasu, ni fakkaata" jedhe. <sup>53</sup>Yeroo sanattis, Yasuus fakkeenyota kanneen xumuree waan tureef, iddo sana gadi dhiisee deeme. <sup>54</sup> Achiin boodas, Yasuus naannoo bakka dhaloota isaa seenee, namoota achii mana sagadaa isaanii keessatti isaan barsiise. Kana irraa kan ka'eenis, namoonni waan ta'etti dinqisiisamani, "Namichi kuni ogummaa isaa kanaa fi humna (aangoo) raajii hoijetu kan eessa argate?" <sup>55</sup>Namichi kuni ilma isa muka soofu sanaa mitii? Haati isaa ishee Maariyaam jedhamtu mitii? Obbolonni isaa Yaaqoob, Yooseef, Simi'oonee fi Yihudaafaa mitii?

<sup>56</sup>Obboleetonni isaa hundumtua asunu bira jiru mitii? Waantota kanneen hunda eessaa argatee ree?" jedhani. <sup>57</sup>Kanaafis, isaan isatti ni aarani. Yasuus garuu, "Raajiin bakka biraatti malee, biyya isaa fi, maatii isaa keessatti ulfina hin argatu" isaaniin jedhe. <sup>58</sup>Sababa isaan amantii dhabaniifis jecha, Yasuus raajiiwan baay'ee achitti hin hoijenne.

## Chapter 14

<sup>1</sup> Yerooduma sanattis, Herood, inni abbaa biyyaa sanaa, oduu waa'ee Yasuus dhaga'ee ture.<sup>2</sup> Innis hojjetoota isaatiin, "Inni kuni Yohaannis cuuphaa dha; inni du'aa kaafameera. Kanaafuu, humnoonni kunneen isaatiin hojjetamaa jiru" jedhe.<sup>3</sup> Herood Yohaannisiin qabee hidhuudhaan mana hidhaatti kan galchee waa'ee Heroodiyaas, haadha manaa obboleessa isaa Filiphoo siif jedheetu ture. "Sababni isaas, yeroo sana, Yohaannis Heroodiin, "Ati ishee haadha manaa godhatee fuudhuun kee seera miti" jedhee waan tureef dha.<sup>5</sup> Innis Yohaannisiin ni ajjeesa ture; garuu immoo namootni Yohaannisiin akka raajiitti waan ilaalanii, isaaniin sodaateetu dhise.<sup>6</sup> Gaafa guyyaan dhaloota Heerood kabajamaa turetti garuu, intalli Heroodiyaas namoota giddutii baatee waan shubbisteef (sirbiteef) Heroodiin gammachiifte.<sup>7</sup> Heroodis waan isheen kana isaaf jettee gooteef jecha, waanuma isheen gaafatte isheedhaaf akka kenu kakaadhaan waadaa gale.<sup>8</sup> Intalattiin, haadha ishee irraa gorsa erga fudhatee booda, "Mataa Yohaannis isa cuuphaa gabatee kana irratti as fidii anaaf kenni" jette.<sup>9</sup> Mootichis waan isheen isa gaafattetti ni gadde; garuu immoo sabaa kakatee fi sababa, warra affeerraa hirbaata sana irratti isa wajjin jiran hundumaaf jedhee, waan isheen gaafatte akka raawwatu ajaje.<sup>10</sup> Namootas ergee, Yohaannisiin mana hidhaa keessatti morma isaa irraa kuchisiise.<sup>11</sup> Mataan isaas fidamee gabatee irra kaa'ammee intalattiidhaaf kennname; isheenisa haadha isheetti geessite.<sup>12</sup> Achiin boodas, barattoonni Yohaannis dhufanii reeffa isaa fuudhanii awwaalani. Eerga kana godhanii booddees, deemanii Yasuusitti himani.<sup>13</sup> Yasuus yeroodhuma kana dhaga'etti, bakka sana gadi dhiisuudhaan, bidiruu yaabbatee gara bakka namni hin jirre tokkotti deeme. Namoonni isa biratti walitti qabamanii turan deemuu isaa yeroo dhaga'anis, magaalota keessaa ba'anii miillaan isa duukaa bu'anii.<sup>14</sup> Sana boodas, Yasuus dura isaanii dhufee, tuta namootaa sana arge. Innis isaaniif waan gaddeef (garaa laafeef), dhukkubsatoota isaanii ni fayyise.<sup>15</sup> Yeroo galgalli ga'ettis, barattoonni isaa gara isaa dhufanii, "Bakka kana homtuu hin jiru; sa'aatiinis sokkeera. Gara gandootaa deemanii waan nyaatan bitachuu akka danda'anif, namoota asitti walitti qabamanii jiran kana gaggeessi" jedhanii isa gaafatani.<sup>16</sup> Yasuus garuu, "Deemuun isaan hin barbaachisu. Isinumti waan nyaatan wa'ii kennaafi" isaaniin jedhe.<sup>17</sup> Isaanis deebisanii, "Nuti daabboo (buddenea) shanii fi qurxummii lama qofaa asii qabna" jedhanii itti himani.<sup>18</sup> Yasuusis, "Gara kootti fidaa" jedhe.<sup>19</sup> Achiin boodas, namoonii marguma irra akka taa'an isaanitti hime. Buddeena shananii fi qurxummii lamaan sanas ni fuudhee. Gara waqaatti ol ilaaluudhaanis erga eebbisee booda cacabsuudhaan barattoota isaatti kenne; isaanis namootaaf kennani.<sup>20</sup> Hundumti isaaniis nyaatanii quufani. Achiin boodas, barattoonni nyaatamee kan hafe qircaati kudha lama guutuu walitti qabani.<sup>21</sup> Warri nyaatanis, dubartoottaa fi ijoollee otoo hin dabalatin, dhiirota (namoota) gara kuma shanii turani.<sup>22</sup> Yasuus, battaluma sanatti, hanga inni namoota gaggeessutti, barattoonni isaa bidiruu yaabbatanii isa dura gamatti akka ce'an godhe.<sup>23</sup> Namoota sana erga gaggessee booddees, Yasuus kophaa isaatti kadhachuudhaaf tulluu irratti ol ba'e. Hanga galgalaa'uttis, kophaa isaa achi ture.<sup>24</sup> Yeroodhuma kanattis, bidiruu suni qarqara galaanaa irraa erga fagaattee booda garuu qilleensi gara isheetti waan qilleensa'eef, bubbbee (qilleensa) galaanaatiin asii fi achi raasamaa turte.<sup>25</sup> Halkan keessaa sa'aatii kudhan yeroo ta'utti Yasuus bishaan galaanaa irra adeemaa gara isaaniitti hiiqe.<sup>26</sup> Barattoonni isaas, otoo inni bishaan galaanaa irra adeemaa jiruu yeroo organitti, baay'ee na'anii, "Kuni ekeraa dha" jechaa, sodaatanii iyyani.<sup>27</sup> Yasuus garuu, "Gootomaa (Gootota ta'aa)! Ana dha! Hin sodaatinaa!" jedhee dafee isaanitti dubbate.<sup>28</sup> Pheexroos, "Gooftaa, si dha yoo ta'e, bishaan irra adeemee gara kee akkan dhufu, nan ajaji" jedhee isaaf deebise.<sup>29</sup> Yasuusis, "Kottu" jedhe. Pheexroosis bidiruu keessaa ba'e gara Yasuusitti galaana irraa adeemuutti ka'e.<sup>30</sup> Pheexroos qilleensa cimaa yeroo argetti garuu, ni sodaate. Akkuma gadi liqimfamuu jalqabeen, "Maaloo Goftaa ko, na oolch (kana jalaa na baasi)!" jedhee iyye.<sup>31</sup> Yasuusis dafee harka isaa hiixatee Pheexroosiin erga qabee booda, "Yaa namicha amantii xinnoo! Maaliif shakkite?" isaatiin jedhe.<sup>32</sup> Sana boodas, yeroodhuma Yasuusii fi Pheexroos bidiruu yaabbatanitti, qilleensi sunis ni dhaabbate.<sup>33</sup> Achumaanis, barattoonni warri bidiruu keessaa Yasuusiif sagadanii, "Ati dhugumatti Ilma Waaqayyoo ti!" ittiin jedhani.<sup>34</sup> Galaanas ce'anii, biyya Genesaareet jedhamutti ba'anii.<sup>35</sup> Namoonni bakka sanaa Yasuus ta'uu isas yeroo baranittis, ergaa naannoo bakka sanaa hundumaatti erganii; wara dhukkubsachaa jiran hundumas gara isaatti fidani.<sup>36</sup> Warri dhukkubsattoonnis fiixee wayyaa isaa takkaa dhuma illee akka tuqaniif isa kadhatani; warri fiixee wayyaa isaa xuqan hundumti isaaniis ni fayyani.

## Chapter 15

<sup>1</sup> Sana boodas, Faarisoonii fi barreesitooni muraasni Yerusaalem irraa gara Yasuu dhufanii. <sup>2</sup>Isaanis, “Barattoonni kee maaliif aadaa (barsiisa) abboota keenyaa cabsu (irra daddarbu)? Isaan harka otoo hin dhiqatiin buddeena nyaatu” jedhanii isa gaafatani. <sup>3</sup>Yasuusis, “Ergasii, isinis barsiisa keessaniif jettanii maaliif abboommii Waaqayyoo cabsitu (irra daddarbitu)?<sup>4</sup>Waaqayyo, ‘Abbaa fi haadha keef ulfina kenni’; akkasumas, ‘Namni inni hammeenya waa’ee abbaa isaa fi haadha isaa odeessu dhugaa dhummatti ni du’u’ jedheera. <sup>5</sup>Isin garuu, ‘Namni kam iyyuu inni abbaa isaa fi haadha isaatiin, “Gargaarsi ati Ana irraa argattee turte inni kam iyyuu kennaa Waaqayyoof kenname dha”; ‘Namichi suni abbaa isaa kabajuun isa hin barbaachisu. Akka kanaanis, isin barsiisa keessaniif jettanii dubbii Waaqayyoo gadi gattanii jirtu.<sup>7</sup> Isin, yaa warra ofittoo! Isaayyas waa’ee keessan gaariitti raajee ture yeroo inni akkas jedhee ture:<sup>8</sup>Namoonni kuni afaan isaaniitiin ni na kabaju; garaan isaanii garuu baay’ee ana irraa fagaata. <sup>9</sup>Isaan sobanii anaaf ni sagadu; sababni isaas, isaan akka seeraatti kan barsiisan seera namootaa waan ta’eef dha” isaaniin jedhe.<sup>10</sup>Sana boodas, Yasuu namoota achitti walitti qabamanii jiran ofitti waamee, “Dhaggeeffadhaatii hubadhaa <sup>11</sup>Waanta afaan seenu keessa kan nama xureessu hin jiru. Kana irra garuu, kan nama xureessu waanta afaan nama keessaa ba’u dha” isaaniin jedhe.<sup>12</sup>Achiin booddees, barattoonni gara isaa dhufanii, “Warri Faarisootaa dubbii ati jette yeroo dhaga’ani akka aarani beektee jirtaa?” jedhanii isa gaafatani. <sup>13</sup>Yasuusis, “Biqiltuu Abbaan koo inni waaqa keessa hin dhaabne kam iyyuu ni buqqifama. <sup>14</sup>Waa’ee isaanii dhiisaa. Isaan jaamota warra jaamaa harkisani dha. Jaamaan tokko jaamaa isa biraaharkisa yoo ta’e, lamaan isaanii iyyuu boolla keessa ni bu’u” jedhee isaaniif deebise.<sup>15</sup>Pheexroos garuu, “Fakkeenyaa kana mee unuuf ibsi” deebisee isa gaafate. <sup>16</sup>Yasuusis immoo deebisee “Atis hanga ammaatti hin hubannee?<sup>17</sup>Waanti afaan keessa seenu kam iyyuu garaacha keessatti erga darbee booda mana fincaanii keessatti akka gadi ba’u hin hubannee?<sup>18</sup> Waantotni afaan keessa ba’an garuu, yaada garaa nama keessaa ba’u. Isaan waantota nama xureessani dha. <sup>19</sup>Yaadonni hammeenyaan kan akka, nama ajjeesuu, ejjuu, halalummaa wal qunnamtii saalaa, hanna, sobaan dhugaa ba’uu fi nama salphisun hundumtuu kan maddan yaada garaa keessaa irraa ti.

<sup>20</sup>Waantotni nama xureessani isaan kana dha. Harka hin dhiqamneen nyaachuun garuu, nama hin xureessu” jedhee itti hime.<sup>21</sup>Achiin boodas, Yasuu bakka sana gadi dhiisee gara naannoowwan magaalota Xiiroosii fi Sidoonitti deeme. <sup>22</sup>Kunoo, dubartiin Kana’aan tokko naannoo sanaatiit dhufte. Isheenis sagalee ishee ol fudhatee, “Yaa Ilma Daawwit, Gooftaa koo! Intalli koo afuura seexanaatiin qabamtee jirtu kana anaaf maari” jettee Yasuuin kadhat. <sup>23</sup>Yasuus garuu waan tokko iyyuu isheetti hin dubbanne. Barattoonni isaa “Waan Nuti iyyaa jirtuuf, achi ishee gaggeessi” jedhatanii isa kadhatani. <sup>24</sup>Yasuus garuu, immoo deebisee, “Ani kanan ergame hoolotaa warra mana Israa’el keessa badaniif malee kan biraaf hin ergamne” jedhee isaaniif deebise. <sup>25</sup>Isheen garuu miilla isaa jalatti dhuftee kuftee, “Gooftaa ko, na gargaari” jetteeni. <sup>26</sup>Yasuusis, “Buddeena ijoollotaa fuudhanii ilmaan sarootaaaf darbachuun sirrii miti” jedhee isheef deebise.<sup>27</sup>Isheenis, “Eyyee, dhugaa dhuma, Gooftaa ko. Garuu immoo, ilmaan sarootaaas, maaddii gooftota isaanii irraa lafatti gadi harca’u hinuma nyaatu” jette. <sup>28</sup>Sana boodas, Yasuu, “Dubartii nana, ati amantiin kee guddaa dha, akkuma ati barbaadde siif haa ta’u” jedhee isheef deebise. Sa’aatii dhuma sanattis intalli ishees ni fayyite.<sup>29</sup> Sanaan boodas, Yasuu is bakka sanaatiit gara qarqara Galaana Galilaa deeme. Achiin boodas, tabbatti ol ba’ee achi taa’e. <sup>30</sup>Namoonni baay’eenis gara isaa dhufani. Isaanis namoota warra naafaa, warra jaama, warra kottaa’an (meelatan), warra arrabni hidhame (warra hin dubbane) fi warra biroo dhukkubsatan hedduu isaanii gara isaatti fidanii dhufani. Fidaniis miilla Yasuu jala kaa’ani; innis isaan ni fayyise. <sup>31</sup>Namoonni achitti walitti qabamanii jiranis warri arrabni hidhamee ture yeroo dubbatan, warri kottaa’anii turan yeroo deebi’anii fayyan, warri naafatanii turan, yeroo adeeman, warri jaamanii turan, yeroo argan waan arganiif, ni raajeffatani. Kana irraa kan ka’eenis, Waaqayyoo Israa’eliif galata galchani (ulfina kennani). <sup>32</sup>Yasuus barattoota isaa ofitti waamee, “Namoonni asitti walitti qabamanii jiran kuni waan tokko illee otoo hin nyaatiin anaa wajjin erga turani guyyaa sadii ta’ee waan jiruuf, isaaniif gaddeen jira. Beelaan karaa irratti kufuu waan danda’aniif, isaan otoo hin nyaatiin asii isaan gaggeessuu hin barbaadu” jedhee isaanitti hime. <sup>33</sup>Barattoonni sunis, “Bakka lafa onaa kana namoota hedduu kana buddeena quuphsu eessaa arganna ree?” jedhaniin. <sup>34</sup>Yasuusis, “Buddeena meeqa of harkaa qabdu?” jedhee isaan gaafate. Isaanis, “Buddeena toorbaa fi qurxummiwwan muraasa qabna” jedhaniin. <sup>35</sup>Achiin boodas, namoonni suni lafuma irra akka tattaa’an isaanitti hime. <sup>36</sup>Buddeena toorbaa fi qurxummiwwan sana fuudhee, Waaqayyoof galata erga galchee booda, buddeena sana kukkutee barattootatti kekkenne. Bartoornnis namoota sanaaf kennani.

<sup>37</sup>Namoonni sun hundumtuu quufanii nyaatani. Sana boodas, isa irraa hafe gundoo gurguddaa toorba kan guute walitti sassaabani. <sup>38</sup>Dubartootaa fi ijoolle otoo hin dablatiin, warri nyaatan namoota kuma afur turani.

<sup>39</sup>Ergasiin booda, Yasuu namoota sana erga gaggessee booda, bidiruu yaabbatee gara naanno Magadaan itti deeme.

## Chapter 16

<sup>1</sup> Warri Faarisootaa fi warri Saaduqootaa dhufanii, Yasuusiin qoruudhaaf, akka inni waqa keessatti mallattoo (milikita) isaanitti argisiisu isa gaafatani. <sup>2</sup>Yasuus garuu, “Galgala yeroo ta’u, ‘Samiin waan diimatuuf, haalli qilleensaa gaarii dha’ jettu.”<sup>3</sup>Ganama yeroo ta’u immoo, ‘Samiin diimatee duumessaan waan uffffamuuuf, haalli qilleensaa gaarii miti’ jettu. Isin bifa samii ilaaluudhaan attamitti akka hiikamu ni beektu, mallattoowwan yeroo kana garuu hiikuu hin dandeessani. <sup>4</sup>Dhalootni hamaa (cubbamaa) fi sagaagaltootaa mallattoo ni barbaada; garuu mallattoo Yoonaas irraa kan hafe, mallattoon kennamuufi hin jiru” jedhee isaaniif deebise. Sana booddees, Yasuus isaaniin gadi dhiisee achiitii deeme.<sup>5</sup>Barattooni galaana gamatti yeroo ce’an, buddeena fudhachuu hirraanfatanii ture. <sup>6</sup>Yasuusis, “Raacitii Faarisootaa fi Saaduqootaa irraa of eeggadhaa!” isaaniin jedhe.

<sup>7</sup>Barattoonis, waan inni akkas nuun jedheef “Innis waan nutti buddeena tokko illee hin fudhaneef dha” jedhanii walitti dudubbatan. <sup>8</sup>Yasuusis waan isaan jechaa jiran waan hubateef, “Yaa warra amantii xinnoo, sababni isaa waan nuti buddeena tokko iyyuu fudhanne hin dhufneefidha jettanii malif walitti dudubbattu?”<sup>9</sup> Isiniif hin galuu? Buddeena shanannamoota kuma shaniif kennamee, kan irraa hafe immoo gundoo meeqa akka walitti qabdan hin yaadattanii?<sup>10</sup>Yookiin immoo, buddeena toorba namoota kuma afuriif kennamee, kan irraa hafe immoo gundoo meeqa akka walitti qabdan hin yaadattanii?<sup>11</sup> Ani waa’ee buddeenaa akkan isiniif dubbachaa hin jirre attamitti isiniif hin galu? Ani kanan jechuu barbaade, raacitii Faarisootaa fi Saaduqootaa irraa of eeggadhaa dha” isaaniin jedhe.<sup>12</sup>Achiin boodas, kan inni isaan akekkachiisaa jiru waa’ee raacitii isa kan buddeenaa otoo hin ta’iin, waa’ee barsiisa Faarisootaa fi Saaduqootaa irraa akka of eeggan akka ta’e isaanii gale.<sup>13</sup> Yasuus naannoowwan Qiisaariyaa Filiphooos itti dhihoo jiranitti yeroo dhufettis, “Namoonni ilma Namaatiin inni eenu dha jedhu?” jedhee barattoota isaa gaafate.<sup>14</sup>Isaanis, “Namoonni tokko tokko, Yohaannis isa cuuphaa dha jedhu; namoonni tokko tokko immoo, Eeliyaas dha jedhu; Eermiyaasi dha kan jedhanis jiru; warri inni raajota keessaa isa tokko dha jedhani jiru” jedhani.<sup>15</sup>Yasuusis, “Isin garuu eenu anaan jettu?” jedhee isaan gaafate.<sup>16</sup>Simi’oon Pheexroos, “Ati Kiristoos, Ilma Waaqayyoo isa jiraataa dha” jedhee deebise.<sup>17</sup>Yasuusis, “Simi’oon, ilma Yoonaas, eebifami! Kana kana sitti mul’ise foon yookiin dhiiga otoo hin ta’iin, Abbaa koo isa Waaqa keessa jiru dha.<sup>18</sup>Anis nan sitti hima; atis Pheexroosi dha [Pheexroos jechuun dhagaa jechuu akka ta’e ibsuuf dha]; anis dhagaa kana irratti waldaa koo nan ijaara. Karri boolla du’as waldaa kana tasuma hin danda’u (argatu)<sup>19</sup> Anuu bantuun (saaxuu) balbala mootummaa waqaqa siifan kenna. Waanti kam iyyuu inni ati lafa irratti hiite, waqa keessattis ni hidhamaa; waanti kam iyyuu inni ati lafa irratti hiiktes, waqa keessattis ni hiikamaa” isaan jedhe.<sup>20</sup>Achiin boodas, Yasuus, akka inni Kiristoos ta’e, nama tokkottuu aka hin himne barattoota isaa akekkachiise.<sup>21</sup> Yeroo sana irraa kaasees, Yasuus gara Yeruusaaleem deemuu akka qabu, harka manguddoota, dura bu’oota lubootaa fi barreessitoota seeraatiin akka hedduu dararamu, akka aijfamuu fi guyyoota sadii boodas du’aa akka ka’u barattoota isaatti himuu jalqabe.<sup>22</sup>Achumaanis, Pheexroos bukkee isaatti isa ofitti qabee, “Gooftaa ko, kana irraa Waaqayyo si haa oolchu! Mee kuni tasuma si irratti hin raawwatiin!” jechaa yaada inni dubbate mufachuutti ka’e.<sup>23</sup>Yasuus garuu gara Pheexroosittti garagaluudhaan, “Duuba kootti darbi, Seexana nana! Ati waa’ee waantota namootaa malee, waa’ee waantota Waaqayyoo waan hin yaadneef, gufuu anatti taata” ittiin jedhe.<sup>24</sup> Sana boodas, Yasuus barattoota isaatiin akkas jedhe: “Namni tokko ana duukaa bu’uu barbaada yoo ta’e, waa’ee ofii isaa dhiisee, fannoo isaa ol fudhatee, ana duukaa bu’uu qaba.<sup>25</sup>Namni kam iyyuu inni jirenya isaa oolfachuu barbaadu, jirenya isaa ni dhaba; namni kam iyyuu inni anaaf jedhee jirenya isaa dhabu immoo, jirenya ni argata.<sup>26</sup>Namni tokko guutuu biyya lafaa argatee, garuu immoo lubbuu isaa ni dhaba yoo ta’e, inni bu’aan isaa maali dha? Namni lubbuu isaa maaliin jijiiruu danda’a?<sup>27</sup> Ilmi Namaas ulfina Abbaa isaatiin ergamoota isaa wajjin ni dhufa. Yeroo sanattis, inni tokko tokkoo namaaf akkaataa dhuma hojiawan isaatti gatii isaa ni kennaafi.<sup>28</sup> Ani dhuguman isiniin jedha, namoota as dhaabatanii jirtan keessaa, hanga yeroo Ilmi Namaa mootummaa isaa keessaa dhufu arganitti, namoonni duuni isaan bira hin geenyeyi ni jiru” jedhe.

## Chapter 17

<sup>1</sup> Guyyoota ja'a booddee, Yasuus Pheexroos, Yaaqoob fi Yohaannis, obboleessa Yaaqoob qophaatti fudhatee gara tulluu dheeraa tokkotti ol isaan fide. <sup>2</sup>Innis fuul dura isaaniiti ni jijiirame. Fuulli isaas akka biiftuu ife; uffanni isaas akka ifaatti addaatee calaqise. <sup>3</sup>Kunoo, Muusee fi Eeliyaas isa wajjin dudubbachaa otoo jiranitti isaanitti mul'atani. <sup>4</sup>Pheexroosis, "Gooftaa, asitti argamuun keenya gaarii dha. Ati yoo barbaadde immoo, anuu mana sadii Asia nan ijaara: tokko siif, tokko Muusee dhaaf, tokkoo immoo Eeliyaasiif" jedhee Yasuusitti deebisee dubbate. <sup>5</sup>Otoodhuma inni dubbachaa jiruu, kunoo, gaaddisni hurri addii dhufee isaan haguuge (uffise); akkasumas, kunoo, sagaleen, "Inni kuni Ilma koo isa jaalatamaa, isa ani itti gammadu dha. Waan inni jedhu dhaggeeffadha" jedhu hurrii sana keessaa dhaga'amaa ture. <sup>6</sup>Barattoonni sunis yeroo sagalee sana dhaga'anis, baay'ee sodaatani; addaanis lafatti gadi gombifamani. <sup>7</sup>Achiin boodas, Yasuusis gara isaanitti dhufee harka isaan qabee, "Ol ka'aa; hin sodaatinnaa" isaaniin jedhe. <sup>8</sup>Isaanis erga ol ka'a boodas, ol ilaalanii; Yasuus irraa kan hafe nama biraa garuu hin argine. <sup>9</sup>Tulluu sana irraa yeroo gadi bu'aa turanittis, Yasuus, "Hanga Ilmi Namaa du'aa ka'utti, mul'ata kana nama tokkotti hin himinaa" jedhee isaan akeekkachiise. <sup>10</sup>Barattoonni isaas, "Ergasii, barreesstittoonni maaliif 'Eeliyaas dura dhufuu qaba' jedhu?" jedhanii isa gaafatani. <sup>11</sup>Yasuusis, "Dhugumadha Eeliyaas waan hunda iddootti deebisuudhaaf ni dhufa. <sup>12</sup>Ani garuu nan isinitti hima; Eeliyaas duruu dhufee jira; isaan garuu isa hin barre (hubanne). Sana irra garuu, isaan waanta barbaadan hunda isa irratti hojjetaa turani. Haaluma wal fakkaatuun, Ilma Namaas harka isaanitiin baay'ee ni dararama" jedhee isaanii deebise. <sup>13</sup>Sana boodas, barattoonis akka inni waa'ee Yohaannis isa Cuuphaa isaanitti dubbachaa jiru hubatani. <sup>14</sup>Yeroo isaan gara namoota walitti qabamanii jiranitti dhufaa turanitti, namichi tokko gara isaatti dhufee, jilbeeffachuudhaan akkas jedhe: <sup>15</sup>"Gooftaa ko, ilma koo maraanmartoo (dhukkuba isa nama kuffisu) tiin garmalee rakkachaa waan jiruuf, anaaf fayyisi (maari). Yeroo hedduuf ibidda keessattis, bishaan keessattis ni kufa. <sup>16</sup>Barattoota kee bira fideen ture; isaan garuu isa fayyisuu hin dandeenye". <sup>17</sup>Yasuusis, "Yaa dhaloota hin amannee fi jallataa nana, hanga yoomiitti isinii wajjin jiraachuun ana irra jira? Hanga yoomiittis isin ba'aa anatti taatu? Gara kootti as fidaa" jedhee deebise. <sup>18</sup>Yasuusis afuura seexanaa ifachuudhaan gurbaa sana keessaa baase; sa'atii sanaa kaasees gurbichi ni fayye. <sup>19</sup>Ergasii boodas, barattoonni kophaatti gara Yasuusitti dhufuudhaa, "Nuti maaliif afuuricha sana baasuu hin dandeenye?" jedhanii isa gaafatani. <sup>20</sup>Yasuusis, "Sababa amantiin keessan xinnoo ta'eeef. Ani dhuguman isiniin jedha, amantii hamma ija sanaaficaa geessu illee otoo qabdu ta'ee, tulluu kanaan, 'Asiitii gara achiitti siiqi' jechuu dandeessu; innis ni siiqa; waanti isiniif hin danda'amnes tokko iyuu hin jiraatu. <sup>21</sup>[Inni akkasii kunis Kadhnnaa fi tsoomiidhaan malee gonkumaa hin baafamu]" isaaniin jedhe. This is missing in the original version. <sup>22</sup>Yeroo Galilaa turanittis Yasuus Barattoota isaatiin, "Ilmi Namaa harka namootaatti dabarfamee ni kennama; <sup>23</sup>Isaanis isa ni ajjeesu; inni garuu guyyaa sadaffaatti du'aa ni kaafama" jedhee isaanitti hime. Barattoonni isaas hedduu gaddani. <sup>24</sup>Yeroo isaan gara Qifirnaahomitti dhufani turettis, warri gibira mana qulqullummaa fuudhan Pheexroos bira dhufanii, "Barsiisaan keessan gibira mana qulqullummaa hin kaffaluu?" jedhanii isa gaafatani. <sup>25</sup>Pheexroosis, "Eeyyee, ni kaffala" jedhee deebise. Akkuma Pheexroos gara manaatti dhufeenis, Yasuus dura dabarsee, "Maal sitti fakkaata Simi'oон? Moottonni biyya lafaa qaraxa yookiin immoo gibira enyu irraa fudhatu? Ilmaan isaanii irraati moo warra kaan irraa fudhatu?" jedhee isa gaafate. <sup>26</sup>Pheexroosis, "Warra kaan irraatti" jedhee deebise. Yasuusis, "Akkas taanaan egaa ilmaan isaanii gibira irraa bilisa dha. <sup>27</sup>Kanaafuu, nuti warra gibira sassaaban dogogorsiisu waan hin qabneef, gara galaana deemitii, hokkoo ittiin qurxummii qaban erga galaana keessatti darbattee booda, qurxummii isa dura ba'u fuudhiitii ol baasi. Yeroo afaan isaa bantus, birrii tokko ni argatta. Birrii kanas fuudhiitii anaa fi ofii keetiif jedhii warra gibira sassaabanitti kenni" isaatiin jedhe.

## Chapter 18

<sup>1</sup> Yeroo sanattis Barattooni Yasuus bira dhufanii, "Mootummaa waaqaa keessatti hundumaa irra kan caalu eenu dha?" isa gaafatani.<sup>2</sup>Yasuusis mucaa tokko gara isaatti waamee, isaan gidduu dhaabachiisee,<sup>3</sup>"Ani dhuguman isiniti hima, isin deebitanii akka mucoolii xixinnoo yoo taatan malee, gonkuma mootummaa waaqaa keessaa hin galtani.<sup>4</sup> Kanaafuu, namni eenyumtuu inni akka mucaa kanaatti gadi of qabu, inni mootummaa waaqaa keessatti hundumaa irra kan caalu dha.<sup>5</sup>Eenyumtuu inni maqaa kootiin mucaa akka kanaa ofitti qabee simatu, inni anaan ni argata (fudhata)<sup>6</sup>Eenyumtuu inni mucoolii xixinnoo warra anatti amanan kana keessaa tokko illee gufachiisuu garuu, dhagaa isa midhaan daakuu guddaa tokko morma isaatti rarraafatee hallayyaa galaanaa keessatti otoo liqimsamee isaaf wayya.<sup>7</sup> "Wayyoo yaa biyya lafaa, sababa gufanna keetiif! Gufannaan dhufuu isaa barbaachisaa dha; nama gufannaan karaa isaa dhufu sanaaf garuu, wayyoo!<sup>8</sup>Kan si gufachiisu harka kee yookiin immoo miilla kee yoo ta'e, isa of irraa kutiitii achi of irraa darbadhuu gati. Harka lama yookiin immoo miilla lama qabaattee ibidda bara baraatti darbatamuu kee mannaa, harka citaa yookiin immoo milla citaa taatee gara jireenyatti galuu siif wayya.<sup>9</sup> Ijji kee si gufachiisa yoo ta'e, of keessaa baasiitii achi of irraa gati. Ija lama qabaattee boolla ibiddaatti gadi darbatamuu kee mannaa, ija tokkoon gara jireenyatti galuu siif wayya.<sup>10</sup> Isaan xixinnoo kana tokkoo isaanii iyuu akka hin tuffanne of eegadhaa! Ani nan isiniti hima, waaqa keessatti ergamoonni isaanii yeroo hunda fuula Abbaa koo isa waqa keessa ni ilaalu.<sup>11</sup> [Ilmi Namaas kan dhufe isa bade fayyisuudhaafi.]<sup>12</sup> Maal isiniti fakkaata? Namni hoolota dhibba qabu tokko, tokkoo yoo keessaa bade, sagaltamii salgan gaara irratti dhiisee, isa bade sana barbaacha hin deemuu?<sup>13</sup> Ani dhuguman isiniti hima, isa bade yoo argates, warra sagaltamii salgan hin badne caalaa itti ni gammada.<sup>14</sup>Haaluma wal fakkaatuun, isaan xixinnoo kana keessaa tokko illee baduun fedhii Abbaa keessan isa waqa keessa miti.<sup>15</sup>"Obboleessi kee yoo si yakke, bakka isin lamaan kophaa jirtanitti dhaqiti, balleessaa isaa itti himi. Innis yoo si dhaga'e, obboleessa kee deebiftee ni argatta.<sup>16</sup>Inni yoo si dhaga'uu dide garuu, afaan nama lamaatiin yookiin sadiitiin dhugaan waan ba'uuf, nama tokko yookiin lama fudhuutii dhaqi.<sup>17</sup> Yoo inni isaaniinis dhaga'uu dide immoo, dhimma isaa waldaatti himi. Yoo inni waldaas dhaga'uu dide immoo, akka nama amantii hin qabnee fi akka nama gibira sassabuutti isa lakkaa'i (ilaali).<sup>18</sup> Ani dhuguman isiniin jedha, Waantotni isin lafa irratti hiitan hundumtuu, waaqa irrattis ni h<sup>19</sup> Ammas dhuguman isiniin jedha; isin keessaa lamaan keesan waan isaan isin gaafatan irraatti biyya lafaa kana irratti yoo walii galtanii, Abbaa koo isa waqa keessa jiruutiinis isaaniif ni ta'a.idhamu; waantotni isin lafa irratti hiiktaan hundumtuu immoo, waaqa irrattis ni hiikamu.<sup>20</sup>Bakka namoonni lama yookiin sadii ta'anii maqaa kootiin walitti qabamani jiranittis, achitti anis isaan gidduutti nan argama" jedhe.<sup>21</sup>Sana boodas, gara Yasuusitti dhufee, "Gooftaa, obboleessi koo yoo na yakke, si'a meeqan Pheexroos isaafii dhiisaa? Hamma si'a toorbaatii?" jedhee isa gaafate.<sup>22</sup>Yasuusis, "Ani hamma si'a torbaatamii toorbaatti malee, hamma si'a toorbaati siin hin jedhu" jedhee isaaf deebise.<sup>23</sup>Kanaafuu, mootummaan waaqaa, mootii isa hojjetoota isaa wajjin hisaaba (kaffaltii) wal biraan qaban hedu tokko wajjin wal fakkaata.<sup>24</sup>Akkuma inni heduu jalqabeenis, nama inni qarshii kuma kudhan irraa qabu tokko itti fidani.<sup>25</sup>Namichi waan kaffalu waan dhabeef garuu, gooftaan isaa akka inni, haati manaa isaa, ijooleen isaa fi waantotni inni qabu hundumtuu gurguramanii idaan suni isaafii kaffalamu ajaje.<sup>26</sup> Hojjetaan sunis, miilla gooftaa isaa jalatti kufuudhaan, 'Maaloo gooftaa ko, xinnuma naaf obsi, anuu waan ana irraa qabdu hunda siifan kaffala' jedhee kadhate.<sup>27</sup>Kana irraa kan ka'eenis, gooftaan isaa hojjetaa sanaaf garaa waan laafeef, gatii isa irraa qabus isaaf dhiisee, isa gadi dhiise.<sup>28</sup> "Hojjetaan sunis akkuma gadi ba'een, hojjetaa dhuma akka isaa kan inni qarshii dhibba tokko irraa qabutti arge. Innis, 'Idaa (Liqii) isa ani si irraa qabu anaaf kenni' jedhee morma isaa hudhee qabee<sup>29</sup>"Hojjetichi akka isaa sunis miilla isaa jalatti kufee, 'Xinnuma anaaf obsi; liqii kee anuu siifan kaffala' jedhee kadhate.<sup>30</sup> Hojjetaan inni gatii irraa qabu suni garuu ni dide. Sana irra darbees, hamma inni gatii isaa kaffaluufitti, mana hidhaatti isa galchisiise.<sup>31</sup>Hojjetoonni akka isaa warri kaan waan uumamee ture yeroo organittis, gar malee gaddani. Waanta ta'e hundas gooftaa isaanii bira dhufani iisatti himani.<sup>32</sup> "Sana boodas, gooftaan hojjetaa sanaa ofitti isa waamee , 'Ati yaa hojjetaa gadhee nana! Ani, waan ati ana kadhatteef jedheen, gatii si irra qabu sana hundumaa siif nan dhiise<sup>33</sup>Akkuma ani siif dhiise, atis immoo hojjetaa akka keetiitiif dhiisun sitti hin jiruu?" ittiin jedhe.<sup>34</sup> Achiin boodas, gooftaan isaa waan aareef,, hamma inni gatii isa irra jiru hundumaa kennuufiitti, namoota warra nama reebaniitti (dararaniiitti) dabarsee isa kenne.<sup>35</sup>Kanaafuu egaa, isinis obboleessa keessaniif garaa guutuudhaan dhiifama hin gootan yoo ta'e, Abbaan koo inni waqa keessaas dhiifama isiniif hin godhu" jedhe.

## Chapter 19

<sup>1</sup> Yasuu erga dubbiwwan kanneen raawwateen boodas Galilaadhaa ka'ee gara biyyaa Laga Yordaanos gama jirtutti, naannoo Yihudaa deeme. <sup>2</sup>Namoonni hedduunis isa duukaa bu'ani; innis achitti isaan fayyise.<sup>3</sup> Warri Faarisootas gara isaa dhufanii isa qoruudhaaf, "Namni tokko sababuma kamiinuu haadha manaa isaa hiikun seerumadha mitii?" jedhanii isa gaafatani. <sup>4</sup>Yasuusis, "Inni jalqabuma isaan uume dhiiraa fi dubartii godhee akka uume hin dubbifnee?" Inni isaan umes, 'Sababa kanaaf dhiirri abbaa fi haadha isaa dhiisee haadha manaa isaa wajjin jiraata; isaan lachanuu foon tokko ni ta'u'.<sup>6</sup>Kana boodas, isaan lama miti, foon tokko dha malee. Kanaafuu, waanta Waaqayyo walitti fide, eenyumtuu gargar baasuu hin qabu" jedhee iisaaniif deebise.<sup>7</sup>Isaanis , "Yoo akkas ta'e egaa, Muuseen maaliif waraqaa wal hiikumsaa kenniifitii achi ishee gaggeessi jedhee nu ajajee ture ree?" jedhanii deebisanii isa gaafatani. <sup>8</sup>Innis deebisee, "Muuseen haadha manaa keessan akka hiiktan kan isiniif eeyyamee ture, sababa garaa jabeenya keessanii irraa kan ka'een malee, jalqabatti akkas hin turre.<sup>9</sup>Ani isinitan hima, sababa sagaagalummaa irraa kan hafe, namni haadha manaa isaa hikkee kan, bira fuudhu inni kam iyyuu balleessa ejjummaa (sagaagalummaa) hojjetee jira" isaaniin jedhe.<sup>10</sup>Barattoonni isaa immoo, "Dhimmi namni tokko haadha manaa isaa wajjin qabu akkas yoo ta'e, fuudhuun gaarii mitii" ittiin jedhani.

<sup>11</sup>Yasuus garuu, "Jechaa kana warra isaaniif kennname malee, namni hundumtuu fudhachuu hin danda'u. <sup>12</sup>Yeroo garaa haadha isaanii keessaa ba'anii jalqabee dhalootumaan warri xu'aashii (kolaasamaa) ta'anii uumaman ni jiru; warri harka namaatiin xu'aashii ta'anis ni jiru; mootummaa waqaatiif jedhanii warri xu'aashii of godhanis ni jiru. Namni barsiisa kana fudhachuu danda'u, haa fudhatu" isaaniin jedhe.<sup>13</sup>Sana boodas, akka Yasuu harka isaa isaan irra kaa'ee isaaniif kadhatuuf jecha, mucooliin xixinnoon tokko gara isaatti fidamanii ture; barattoonni isaa garuu ifataniii isaan dhoowwani. <sup>14</sup>Yasuus garuu, "Mucooli xixinnoo sanaaf eeyyamaa; mootummaan waqaqa kan warra akka isaanii kanaa waan ta'eef, akka isaan gara koo dhufan hin dhoowiinaa" jedhe.<sup>15</sup>Harka isaa isaan irra erga kaa'ee boodas, bakka sana gadi dhiisee deeme.<sup>16</sup>Kunoo, namichi tokko gara Yasuu dhufee, "Barsiisa, jirenya bara baraa argachuuf waantota gaarii attamii hojjechuun natti jiraa? jedhee isa gaafate.

<sup>17</sup>Yasuusis, "Isa kamtu gaarii dha jettee maaliif ana gaafatta? Gaariin tokko qofaa dha; jirenyatti seenuu yoo barbaadde garuu, abboommiiwwan sana eegi" jedhee itti hime.<sup>18</sup> Namichis, "Abboommiiwwan isaan kam?" jedhee isa gaafate. Yasuuusis, "Hin ajeesin; hin ejjiin; hin hatiin; sobaan nama irratti dhugaa hin ba'iin; <sup>19</sup>Abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni; ollaa keesakkuma mataa ofii keetiitti jaaladhu" jedhe.<sup>20</sup> Namichi dargaggeessi sunis, "Isaan kana hundumaaf abboomameen jira. Kan na hafe (barbaachisu) kan biraa jiraa?" ittiin jedhe.

<sup>21</sup>Yasuusis, "Waan hundumaan guutuu ta'uun barbaada yoo ta'e immoo, deemiitii qabeenya kee gurguriitii hiyyeessotaaf kenni; waqa irrattis qabeenya ni argatta. Achiin boodas, koottutii ana duukaa bu'i!" isaan jedhe.

<sup>22</sup>Dargaggeessichi garuu qabeenya guddaa waan qabuuf, dubbii isa Yasuu jedhee erga dhaga'ee booda, gadda guutuudhaan achii deeme.<sup>23</sup> Yasuuusis barattoota isatiin, "Ani dhuguman isiniti hima, mootummaa waqaqa keessa lixuun nama sooreessa ta'e tokkoof rakkisaa (cimaa) dha. <sup>24</sup>Ammas nan isiniti hima, sooressi tokko mootummaa Waaqayyoo keessa seenuu irra, yoo gaalli qaawwa lilmoo keessa baatetu irra salphata" jedhe.

<sup>25</sup>Barattoonni isas kana yeroo dhaga'ani, hedduu ajaa'ibamanii, "Egaa eenyutu fayyisamuu danda'a ree?" jedhanii isa gaafatani. <sup>26</sup>Yasuusis isaaniin ilaalee, "Kuni namootaaf hin danda'amu; Waaqayyoof garuu waantotni hundumtuu ni danda'amu" isaaniin jedhe. <sup>27</sup>Sana boodas, Pheexroos, "Akkuma argitu, nuti waanta hundumaa dhiifnee, si duukaa buunee jirra. Egaa nuti maal arganna laata ree?" jedhee isa gaafate.<sup>28</sup> Yasuuusis, "Ani dhuguman isiniti hima, bara haaraa sanatti, yeroo Ilmi Namaa ulfina isatiin barcumma (teessoo) isaa irra taa'u, isin warri ana duukaa buutanis, barcumoota kudha lamaan irra teessanii, gosootta Israa'el kudha lamaan sanaaf firdii ni kennitu.<sup>29</sup> Tokko tokkoon namaa inni maqaa kootiif jedhee mana, obboloota, obboleettota, abbaa, haadha, ijoollee, yookiin immoo lafa isaa dhiisee ana duukaa bu'e, dachaa dhibbaan ni fudhata; jirenya bara baraas ni dhaala. <sup>30</sup>Warra dura jiran keessaa baayy'een isaanii boodatti ni hafu; warra booda irraa jiran keessaa garuu baayy'een isaanii dura ni ta'u" isaaniin jedhe.

## Chapter 20

<sup>1</sup> Yasuuus itti fufuudhaan, "Mootummaan waaqaa akka abbaa lafaa isa maasii wayinii isaatiif hojjettoota qacaruudhaaf jedhee bariidhaan ba'ee deemeet tokkoo ti."<sup>2</sup> Innis guyyaatti nama tokkoof miindaa qarshii tokko kaffaluuf hojjettoota sanaa wajjin erga walii galee booda, gara maasii waynii isaatti isaan erge.<sup>3</sup> Gara sa'aatii sadii boodas, abbaan lafaa suni gadi ba'ee hojjettoota hojji malee lafa gabaa keessa dhaabatanii jiran arge.<sup>4</sup> Isaaniinis, 'Isinis gara maasii waynichaa dhaqaa; waan isiniif malu immoo anu nan isiniif kenna' isaaniin jedhe. Isaanis gara hojiitti deemanii.<sup>5</sup> Ammas gara saa'aatii ja'aatti, gara sa'aatii sagaliitts gadi ba'ee akkasuma godhe.<sup>6</sup> Si'a tokkos dabaluudhaan, gara sa'aatii kudha tokkootti gadi ba'ee namoota biraan hojji malee dhaabbachaa jiran arge. Isaaniinis, 'Maaliif guyyaa guutuu hojji malee addana dhaabattu?' jedhee isaan gaafate.<sup>7</sup> Isaanis, 'Sababa namni tokko iyuu nu hin qacarreefi' jedhaniini. Innis, 'Isinis gara maasii waynichaa dhaqaa' isaaniin jedhe.<sup>8</sup> Galgalli yeroo ga'us, abbaan lafaa suni hojji gaggeessaa isaatiin, 'Hojjettoota sana waamiitii, warra booda dhufan irraa jalqabiitii, dhuma irratti immoo warra dhufaniif, mindaa isaanii kaffaliif' jedhee itti hime.<sup>9</sup> Warri gara sa'aatii kudha tokkootti qacaraman dhufanii, miindaa guyyaa tokkoo qarshii tokko tokkoo fudhatani.<sup>10</sup> Warri duraa dhufan yeroo fudhachuu dhufan kan caalu akka fudhatan yaadanii yoo ture iyuu, isaanis tokko tokkoo isaaniif qarshii dhuma tokkotu kennname.<sup>11</sup> Mindaa isaanii erga fudhatanii boodas, simootaa isaanii abbaa lafaa sana irratti dhiyeessani.<sup>12</sup> Isaanis, 'Hojjettooni warri booddee kuni sa'aatii tokko duwwaa hojjetani; ati garuu unu warra guyyaa guutuu aduu nama gubu keessa dhaabbannee hojjechaa olle wajjin wal qixxee dhuma nuu kaffalte' ittiin jedhani.<sup>13</sup> Namichi garuu isaan keessaa isa tokkoon, 'Yaa namicho! Ani waan tokko illee sitti hin balleessine; ati miindaa guyyaa tokkootti anaa wajjin walii hin gallee ree?'<sup>14</sup> Amma kan kee fudhadhuu dhaqi! Ani namicha isa booddee kanaafis hammuma kan keetii kennuufi nan fedha.<sup>15</sup> Ani immoo horii ofii kootiitiin waanan fedhe gochuun anaaf hin ta'u ree? Yookiis arjummaa koo weennaattaa? jedheen.<sup>16</sup> Akkasuma warri booddee warra duraa, warri duraas warra booddee in ta'u jedhe.<sup>17</sup> Yasuuus gara Yerusaalemitti ol ba'aa yeroo turettis, karaa irraati barattoota isaa kudha lamaan kopaatti fudhatee,<sup>18</sup> "Kunoo, nuti gara Yerusaalemitti ol ba'aa jirra; Ilmi Namaas dura buutota luboota fi barreessitoota seeraatiin dabarfamee ni kennama. Isaanis yakka du'aa itti ni murteessu;<sup>19</sup> Warra hin ammannettis, akka isaan itti dhaadatanii, isaas reebanii fi dhuma irrattis isa fannisanif dabarsanii isa ni kenuu. Gaafa guyyaa sadaffaa garuu inni du'aa ni kaafama" jedhee isaanitti hime.<sup>20</sup> Sana boodas, haati ilmaan Zabdiwoos, ilmaan ishee wajjin, gara Yasuuusitti dhuftee. Waan tokko isa kadhachuudhaafis, miilla isaatti kufte.<sup>21</sup> Yasuisis, "Maal akkan siif godhu barbaadda?" jedhee ishee gaafate. Isheenis, "Ilmaan koo lamaan kuni mootummaa kee keessatti, inni tokko gara mirga kee, inni tokko immoo gara bitaa kee, akka taa'an itti naaf himi (naaf abboomi)" isaan jette.<sup>22</sup> Yasuuus garuu, "Waan gaafachaa jirtan kana hin beektani. Isa ani waancaa keessaa dhuguuf jiru kana isinis dhuguu ni dandeessuu?" jedhee deebise isaan gaafate. Isaanis, "Ni dandeenya" jedhaniin.<sup>23</sup> Innis, "Isa waancaa koo keessaa illee dhuguma ni dhugdu. Karaa mirga koo fi karaa bitaa koo taa'uuf garuu, kennuun kan koo miti; taa'umsi suni garuu kan warra Abbaan koo kanaan dura isaaniif qopheessee ture dha" isaaniin jedhe.<sup>24</sup> Barattooni warri kaan kurnan yeroo kana dhaga'anis, obbolaa lamaan sanatti ni aarani.<sup>25</sup> Yasuuus garuu ofitti isaan waamee, "Bulchitooni warra Waaqayyoon hin amanne isaaniin akka hacuucanii fi namoonni isaanii warri gurguddon humnaan akka isaan bitan, isinuu ni beektu."<sup>26</sup> Isin gidduutti garuu akkas ta'u hin qabu. Kana irraa garuu; isin keessaa eenyumtuu inni guddaa ta'u barbaadu, hojjetaa keessan ta'u qaba.<sup>27</sup> Isin keessaa eenyumtuu inni tokkoffaa ta'u barbaadu, hojjetaa keessan ta'u qaba.<sup>28</sup> Akkasuma, Ilmi Namaas kan dhufe ergachuuf otoo hin ta'iin ergamuudhaafi bakka namoota hedduus bu'ee lubbuu isaa kennuudhaafi dha" jedhe.<sup>29</sup> Yeroo isaan Iyyaarikoo keessaa ba'anii deemanis, namoonni hedduun isaan duukaa bu'ani.<sup>30</sup> Namoonni jaamaa ta'an lama daandii bukkee taa'anii ture. Isaanis Yasuuus achiin darbaa akka jiru yeroo dhaga'anii, "Gooftaa, yaa Ilma Daawwiit, nu maari (fayyisi)" jedhanii iyyani.<sup>31</sup> Namoonni achitti walitti qabamanii jiran suni garuu akka isaan callisaniif isaanitti orihani. Isaan garuu isa duraa caalaa iyyaa, "Gooftaa, yaa Ilma Daawwiit, nu maari (fayyisi)" jedhani,<sup>32</sup> Sana boodas, Yasuuus dhaabatee isaan waamuudhaan, "Maal akkan isiniif godhu barbaaddu?" jedhee isaan gaafate.<sup>33</sup> Isaanis, "Gooftaa, ija keenya akka unuuf bantuufi dha" jedhanii deebisani.<sup>34</sup> Yasuisis hedduu waan isaaniif gaddeef, ija isaanii qaqaabe. Battaluma sanattis ijji isaanii ni arge; isaanis isa duukaa bu'ani.

## Chapter 21

<sup>1</sup>Yasuusii fi barattooni isa Yerusaalemitti dhiyaataniin, Tulluu Ejersaa bira Beetefaagee akkuma ga'aniin, Yasuus barattoota lama ergee, <sup>2</sup>Innis "Gara ganda asitti aanee jiru sana dhaqaa; akkuma achi geessaniinis harree achitti hidhamtee dhaabbattuu fi ilmoo ishee ni argattu. Hiikaatii as naa fidaa. <sup>3</sup>Eenyumtuu waa'ee isaa yoo isin gaafate immoo, 'Gooftichatu isaan barbaade' jedhaatii itti himaa; namtichis battalumatti harroota sana isin duukaa ni erga" jedhee isaan erge. <sup>4</sup>Kuni hunduu amma kan raawwate, inni karaa raajichaatiin dubbataamee ture akka guutuufi dha; innis: <sup>5</sup>"Intala Tsiyoonitti himaa; 'Mootiin keessan kunoo gara keessan dhufaa jira; Gadis of qabee harree fi ilmoo ishee yaabbatee dhufaa jira'" kan jedhu dha ture<sup>6</sup>Achiin boodas, barattooni sunis deemanii akkuma Yasuus isaan ajajetti raawwatani.<sup>7</sup>Isaanis harree sanaa fi ilmoo ishee fidanii gilaasa (uffata) isaanii irra buusani; Yasuusis gilaasa sana irra taa'e. <sup>8</sup>Namoonni achitti walitti qabamanii jiran keessaa harki caalaan isaanii uffata isaanii karaa inni deemu irra afani; warri kaan immoo dameewwan mukaa ciruudhaan karaa irra firfirsani.<sup>9</sup>Achiin boodas, namoonni hedduun warri dura fi booda Yasuus deemaa jirani sagalee isaanii ol fudhatanii, "Hosaa'inaa, Ilma Daawwiitiif! Inni maqaa Gooftaatiin dhufu eebbfamaa dha! Hosaa'inaa gara ol gubbaatti!" jedhani. <sup>10</sup>Yasuus Yerusaalem keessa yeroo lixee turettis, guutuun magaalittii ni raafame; "Inni kuni eenu dha?" jedhanii gaafatani.<sup>11</sup>Namoonni isaa wajjin achi turanis, "Inni kuni Yasuus isa raajicha isa Naazireet biyya Galiiiaa irraa dhufe dha" jedhanii isaanii deebisani.<sup>12</sup>Sanaan boodas, Yasuus mana sagadaa keessa seene. Innis namoota warra mana sagadaa keessatti bitanii fi gurgurani hundumaa isaanii gadi baase; gabatoota (xarapheezota) warra horii callaa gegeddaranii fi taa'umsa warra gugee gurguraniis gadi gagaragalche. <sup>13</sup>Innis, "Manni koo mana kadhannaajedhamee waamama' jedhamee barreessameera; isin garuu gola saamtotaa isa godhattani" isaanii jedhe. <sup>14</sup>Sana boodas, warri jaama fi warri naafni mana sagadaa keessatti isa bira dhufani; innis isaan fayyise. <sup>15</sup>Dura buutonni lubootaa fi barreesitooni seeraa waanta raajii inni gochaa turee yeroo arganii fi ijoolleent mana sagadaa keessatti sagalee isaanii ol fudhatanii, "Hosaa'inaa, Ilma Daawwiitiif!" yeroo jedhan dhaga'anii, isaan baayy'ee ni aarani.<sup>16</sup>Isaanis, "Waan isaan jechaa jiran ni dhageessaa?" jedhanii isa gaafatani. Yasuusis, "Eyyee! Isin garuu, 'Afaan ijoollee xixinnoo fi daa'imman keessaa, ati galateeffannaa ni qopheesita' isa jedhu tasuma hin dubbifnee?" jedhee isaanii deebise. <sup>17</sup>Sanaan booddees, Yasuus isaanii dhiisee magaalittii keessa ba'ee Bitaaniyaa dhaqee achi bule.<sup>18</sup>Ganamas yeroo magaalittii deebi'aa turettis, Yasuus ni beela'e. <sup>19</sup>Muka harbuu tokkos karaa bukkeetti waan argeef, gara mukichaatti goree yeroo ilaalu baala malee homaa irraa hin arganne. Innis mukchaatiin, "Bara baraan iji midhaanii sirratti hin margiin" jedhe; muktii harbuu sunis battalumatti ni goge.<sup>20</sup>Barattooniisaas mukichi gogu isaa yeroo arganitti, ni raajeffatani; achumaanis, "Attamitti mukti harbuu kun battalumatti gogee?" jedhani. <sup>21</sup>Yasuusis, "Ani dhuguman isiniin jedha, amantii qabdu yoo ta'ee fi hin shakkitan (mamatian) yoo ta'e, isin kan gochuu dandeessani waanta mukicha irratti ta'e duwwaa otoo hin ta'iin, tulluu kanaan iyyuu, 'Ol ka'iitii galaana keessatti gadi darbatami' jechuu ni dandeessu; inni jettanis ni raawwatama. <sup>22</sup>Amantaniidhaan kadhattanii waanta gaaffan hundumaa ni argattu" jedhee isaanii deebise.<sup>23</sup>Yasuus mana sagadaatti ol deebi'ee barsiisaa yeroo inni turettis, dura buutonni lubootaa fi manguddoonni uummataa gara isaa dhufanii, "Humna (Aangoo) maaliitiin kana hundumaa goota; humna (aangoo) kanas eenu siif kenne?" jedhanii isa gaafatani.<sup>24</sup>Yasuusis, "Anis gaaffii tokkon isin gaafadha. Yoo isin anatti himtan, anis humna maaliitiin waantota kana akkan godhu isinitti nan hima."<sup>25</sup>Cuuphaan Yohaannis eessaa dhufee? Waqa biraatoo, namoota biraatii?" jedhee deebisee isaan gaafate. Isaanis akkas jedhanii wal mari'atani: "Yoo nuti 'Waqa biraati' jenne, inni immoo, 'Erga akkas ta'ee, isin maaliif hin amantani ree?' nuun jedha. <sup>26</sup>Yoo nuti 'Namoota biraati' jenne garuu, namoonni Yohaannisiin akka raajiitti waan fudhatanii, isaaniiitiin ni sodaanna". <sup>27</sup>Sanaan boodas, "Nuti hin beeknu" jedhanii Yasuusif deebisani. Innis, "Anis humna maaliin waantota kana akkan godhu isinitti hin himu.<sup>28</sup>Isin garuu maal isinitti fakkata? Namichi tokko ilmaan lama qaba ture. Innis ilma isaa isa tokko bira deeme, 'Ilma ko, har'a deemiitii maasii waynii keessa hojjedhu' ittiin jedhe. <sup>29</sup>'Ilmi isaa sunis, 'Hin dhaqu' jedhee erga deebiseefi booda garuu, yaada isaa jijiiree, ni dhaqe. <sup>30</sup>Achiin boodas, namnichi ilma isaa isa lamaffaa bira dhaqee, isuma ilma isaa isa duraatiin jedhee ture, isa kanattis hime. Innis, 'Tole nan dhaqa, yaa abbaa ko' jedhee abbaa isaaaf deebise; garuu immoo hin deemne.<sup>31</sup>Ilmaan isaa lamaan kana keessaa, isa kami dha inni fedhii abbaa isaa guute?" jedhee isaan gaafate. Isaanis, "Isa duraatii" jedhanii deebisani. Yasuusis, "Ani dhuguman isiniin jedha; warri qaraxa sassaabanii fi warri sagaagalani iyyuu dura keessan mootummaa Waaqayyoo keessa ni seenu. <sup>32</sup>Yohaannis gara keessan kan dhufee ture qajelummaa keessaniif ture; isin garuu isa hin amanne. Warri qaraxa sassaabanii fi warri sagaagalani garuu isa ni amanani. Isin garuu, erguma kana argitanii booda illee, gaabbitanii isa hin amanne.<sup>33</sup>"Fakkeenya biraatokko mee dhaggeeffadhaa. Namni abbaa lafaa ta'e tokko ture Innis lafa isaa irratti wayinii dhaabe; dallaas itti naannessee ijaare; boolla waynii keessatti cuunfanis ni qote; gamoo irra taa'anii maasicha eeganis ni ijaare; sanaan boodas,

namoota warra wayinii hoomishanitti kireesse. Innis achiin booda gara biyya biraa deeme.<sup>34</sup> Yeroon midhaan wayinii itti sassaabanakkuma dhiyatettis, midhaan waynichaa akka isaaf sassaabaniif jedhee hojjetoota muraasa gara warra wayinii hoomishan sanaatti erge.<sup>35</sup> Warri wayinii hoomishan suni garuu hojjetoota sana qabani, isa tokko ni reebani; isa biraa ni ajjeesani; isa hafe immoo dhagaadhaan rukutani.<sup>36</sup> Abbaan lafaa sunis ammas hojjetoota biraa, warra duraa irra kan baay'atan, isaanitti erge; warri wayinii hoomishan suni garuuakkuma warra duraa isaan godhani.<sup>37</sup> Sanaan booddees, abbaan lafaa suni, 'Ilma koo illee ni kabaju' jedhee, ilma isaa gara isaaniitti erge.<sup>38</sup> Warri wayinii hoomishan sunis ilmicha isaa yeroo argan, 'Kuni isa dhaalu dha. Koottaa, isa ajjeesnee dhaala isaas haa fudhannu' waliin jedhani.<sup>39</sup> Akkuma jedhanis, isa qabani, maasii waynichaa keessaa gadi isa baasanii, isa ajjeesani.<sup>40</sup> Amma egaa abbaan waynichaa yeroo dhufu, warra wayinii hoomishan sana maal isaan godha laata?" isaaniin jedhe.<sup>41</sup> Isaanis, "Inni immaa warra abaaramtoota (gadhoota) sana dimshaashumaan erga isaan balleesee booda, maasii waynii isaa sanas namoota biraa, warra yeroo wayinichi ga'ee funaanamu ga'ee isaa isaaf kennaniif, ni kireesa" jedhanii isaaf deebisani.<sup>42</sup> Yasuusis, "Isin Kitaaba Qulqulluu keessatti isa, 'Dhagichi inni mana ijaarttonni gadi gatani, Dhagaa bu'uuraa godhame. Kunis gocha Gooftaa ti; Ijji keenyas dinqii kana ni arge' jedhu gonkuma hin dubbifnee"<sup>43</sup> Kanaafuu, mootummaan Waaqayyoo isin irraa fudhatamee, biyya isa midhaan kan isaa hoomoshu (horu) sanaaf akka kennamu isinittan hima.<sup>44</sup> Eenyumtuu inni dhagaa kana irratti kufu, ni caccaba. Eenyumtuu inni dhagaan kuni irratti kufu garuu, ni daakama" isaaniin jedhe.<sup>45</sup> Warri dura buutota lubootaa fi warri Faarisootaa fakkeenyota isaa yeroo dhaga'anis, akka inni waa'ee isaanii dubbaachaa jiru, beekanii ture.<sup>46</sup> Isa hidhuus barbaadanii ture, garuu namoonni achitti walitti qabamanii jiran Yasuusiin akka raajiitti waan ilaalianniif, ni sodaatani.

## Chapter 22

<sup>1</sup>Yasuus ammas fakkeenyaan isaanitti dubbate; <sup>2</sup>“Mootummaan waaqaa akk mootii isa diggisii cidha ilma isaa qopheesse tokkooti. <sup>3</sup>Mootichi warra cidhicha irratti hirmaatan hojjettoota isaa ergee waamsisee ture; warri affeeramani garuu hin dhufne. <sup>4</sup>Mootichi ammas, ‘Warra affeeramaniitiin, “Kunoo, affeerraa hirbaataa qopheesseen jira. Sangoonni koo fi horiin furdisman qalamanii, waanti hundumtuu qophaa’ee jira. Diggisii cidhaatti kootta” jedhaatii waamaa jedhee hojjettoota isaa kan biraa isaanitti ergee. <sup>5</sup>Warri waamaman garuu affeerraa isaaaf gurra dhoowwatani, gar tokko gara qotiisa isaanii, gar tokko immoo gara daldala isaanii deemanii. <sup>6</sup>Warri kaan immoo hojjettoota mootichaa qabanii, salphisanii, dhuma irrattis ajjeesani. <sup>7</sup>Mootichis waan aareef, loltoota isaa isaanitti erge; isaanis warra hojjetaa isaa ajjeesan sana ni balleessani; magaala isaaniis ni gubani. <sup>8</sup>Sana boodas, mootichi hojjettoota isaatiin, ‘Cidhichi qophaa’era; warri waamamanii turan garuu warra gatii hin qabne dha. <sup>9</sup>Kanaafuu, gara daandii guddaa wal qaxxaamuru sana dhaqaatii, namoota argachuu dandeessan hunda gara diggisii cidhichaatti affeerraa’ jedhe. <sup>10</sup>Hojjettooni sunis gara daandii guddaa wal qaxxaamuru sana deemanii, namoota argatan hundumaa, warra hamaas warra gaariis, walitti qabanii fidani. Manni cidhichaas keessumootaaatiin guutame. <sup>11</sup>Mootichis keessumoota achitti argaman ilaaluuf yeroo ol lixettis, nama uffataa cidhaa hin uffatne tokko arge. <sup>12</sup>Mootichis namichaatiin, ‘Firana, uffataa cidhaa malee attamitti as dhufte?’ jedhe. Namichis waan dubbatu dhabe. <sup>13</sup>Achiin boodas, mootichi hojjettoota isaatiin, ‘Namicha kana harka fi miilla isaa hidhaatii, iddooboo’ichii fi ilkaan walitti qaruun jiru dukkanala keessatti gadi darbadhaa’ jedhe. <sup>14</sup>Namoonni waamaman baay’ee dha; warri filataman garuu muraasa dha” jedhee fakkeenya isaa isaanitti hime. <sup>15</sup>Sanaan boodas, warri Faarisootaa isuma inni dubbateen attamitti Yasuusiin kiyyoo keessa isaa gashuu akka danda’an irratti deemanii mari’atani. <sup>16</sup>Achiin boodas, hordoftoota isaanii, warra garee Herood wajjin, gara Yasuusitti ergani. Warri ergamanis Yasuusiin, “Barsiisa, nuti akka ati nama dhugaa taatee fi daandii Waaqayyoos dhugaadhaan akka ati barsiiftu ni beekna. Ati yaada namootaaf iddooboo’ichii fi ilkaan walitti qaruun jiru dukkanala keessatti gadi darbadhaa’ jedhe. <sup>17</sup>Kanaafuu, maal akka sitti fakkaatu mee nutti himi? Qeesaarii gibira kaffaluun sirrii dha immoo seeran ala dha?” jedhaniini. <sup>18</sup>Yasuus garuu sharrii isaanii waan bareef, “Warra ofittoo nana, ammaa maaliif ana qortu? <sup>19</sup>Maallaqa gibira sanaa mee anatti argisiisaa” jedhe. Isaanis qarshii tokko isatti fidani. <sup>20</sup>Yasuusis; “Kunneen bifa eenyuu fi maqaa eenyuu ti?” isaaniin jedhe. <sup>21</sup>Isaanis, “Kan Qeesaarii dha” jedhaniini. Sana booddees, Yasuusis, “Waantota Qeesaar kan ta’an, Qeesaariif, waantota Waaqayyoof kennaa” isaaniin jedhe. <sup>22</sup>Yeroo kana dhagaa’anittis, ni dinqisiifatani. Achumatti isa dhiisanii, achiitii deemanii. <sup>23</sup>Guyyaa dhuma sanas, Saaduqoonni, warri du’aa ka’uun hin jiru jedhan tokko, gara Yasuus dhufani. <sup>24</sup>Isaanis, “Yaa barsiisa, Muuseen ‘Namni tokko dhala otoo hin godhatin yoo du’e, obboleessi isaa haadha manaa isaa fuudhee obboleessa isaatif ijoollee ni guddisa’ jedhee ture. <sup>25</sup>Obbolaawwan toorba turani. Inni angafni niitii erga fuudhee booda ni du’e. Ijoollee otoo hin godhatiin, niitii isaa obboleessa isatti dhiisee du’e. <sup>26</sup>Achiin boodas, inni lammaffaanis, inni sadaffaanis, hamma isa toorbafkaattis ishee fuudhanii, dhala otoo hin godhatiin hundumtuu irraa du’ani. <sup>27</sup>Hundumti isaanii erga du’anii boodas, dubartittiinis ni duute. <sup>28</sup>Toorban isaanii iyyuu ishee fuudhanii waan tureef, amma yoo du’aa ka’ani, isheen niitii isaa kamii taati egaa?” jedhanii isaa gaafatani. <sup>29</sup>Yasuusis, “Isin waan Kitaabni Qulqulluu jedhu, yookiin immoo, humna Waaqayyoof kennaa” isaaniin jedhe. <sup>30</sup>Du’aa ka’ina booda, isaan hin fuudhanii, hin heerumanis. Bakka kanaa garuu, isaan waaqa keessatti akka ergamotoa ti. <sup>31</sup>Waa’ee du’aa ka’uu warra du’anii ilaachisee garuu, isin isaa Waaqayyo isinitti dubbatee ture hin dubbifnee? Innis, <sup>32</sup>“Ani Waaqayyo isaa kan Abrahaam, Waaqayyo isaa kan Yisihaaq, Waaqayyo isaa kan Yaaqoobi dha’ kan jedhu ture. Inni Waaqayyo warra jiraataniiti malee, Waaqayyo warra du’anii miti” jedhee isaaniif deebise. <sup>33</sup>Namoonni achitti walitti qabamanii jiranis yeroo kana dhaga’ani, barsiisa isatti ni ajaa’ibamani. <sup>34</sup>Yasuus warra Saaduqootaa akka afaan isaanii isaan qabaxhiise erga dhaga’ani booda, warri Faarisootaa walitti qabamani. <sup>35</sup>Isaan keessaas, namichi inni ogeessa seeraa tokko Yasuusiin qoruudhaaf gaaffii isaa gaafatee, <sup>36</sup>“Barsiisa, seera keessaas abboommii inni warra hundumaa irra cimaan isaa kami dha?” jedhee gaafatee. <sup>37</sup>Yasuusis, “Gooftaa kee Waaqayyoottin garaa kee guutuudhaan, lubbuu kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan jaaladhu”. <sup>38</sup>Inni kuni abboommii isaa cimaa fi isaa duraa ti. <sup>39</sup>Abboommii inni lammafaas akkuma isaa duraa ti – ‘Ollaa kee akka mataa keetiitti jaaladhu’. <sup>40</sup>Seerichii fi barsiisni raajotaa hundumtuu abboommiiwan lamaan kana irratti hundaa’u” jedhee isaaniif deebise. <sup>41</sup>Warri Faarisootaa akkuma walitti qabamanii jiranitti, Yasuus gaaffii tokko isaan gaafate. <sup>42</sup>Innis, “Waa’ee Kiristoos maal yaaddu? Inni ilma eenyuu ti” kan jedhu ture. Isaanis, “Ilma Daawwiit dha” jedhani. <sup>43</sup>Yasuusis, “Erga akkas ta’ee, attamitti Daawwiit Afuuraatiin Gooftaaatiin akkas jedhee ree?”. <sup>44</sup>Gooftichi Gooftaa kootiin, Karaa harka mirgaa koo taa’i, Hanga ani diinota kee barcuma miilla kee irra kaawwattu godhutti” jedhee dubbateera. <sup>45</sup>Egaa Daawwiit Kiristoosiin ‘Gooftaa’ jedhee waama yoo ta’e, attamitti ilma

Daawwiit ta'a" jedhe.<sup>46</sup> Namni tokko illee deebi'ii isaaf kennuu hin dandeenye; guyyaa sana irraa kaasees, namni garaa jabaatee gaaffii biraan tokko illee isa gaafachuudhaaf yaale hin turre.

## Chapter 23

<sup>1</sup>Sanaan boodas, Yasuus namoota achitti walitti qabamanii jiran fi barattoota isaatti dubbate, <sup>2</sup>Innis, “Barreessitootni seeraa fi warri Faarisootaa iddoa taa’umsa (teessoo) Muusee taa’anii jiru. <sup>3</sup>Kanaafuu, waantota isaan godhaa jedhanii isin ajajan godhaa; eegaas. Isaan ni jedhu male, waantota jedhan garuu waan hin gooneef, hojiawanisaanii duukaa hin bu’iinaa. <sup>4</sup>Eeyyee, isaan ba’aa ulfaataa namni baachuu hin dandeenye hidhanii gatiitti namootaa irra ni kaa’u. Isaan, ofii isaanii baachuu garuu, quba isaanii illee itti hin butani. <sup>5</sup>Isaan, hojiawanisaanii hundumaa kan hojjetaan, akka namoonni isaan arganiif dha. Isaan rarraatoowwan (phylacteries) ni bal’isu; fiixee uffata isaaniis dheerassanii ni hoddu. <sup>6</sup>Isaan, bakka diggisiwwaniitti, iddoa ulfinaa; manneen sagadaa keessattis, teessoowwan warra angafaa, taa’uu jaalatuu. <sup>7</sup>Lafa gabaa keessattis, namoonni haala adda ta’een nagaa akka isaan gaafatanii fi namoonni ‘Barsiisa’ jedhanii akka isaan waaman ni jaalatu. <sup>8</sup>Isin garuu barsiisa tokko qofaa waan qabdaniif, hundumti keessan iyyuu obboloota dha malee, ‘Barsiisa’ jedhamtanii waamamuun isinitti hin jiru. <sup>9</sup>Lafa irratti nama tokkoon iyyuu abbaa koo jettanii hin waamiinaa; Abbaan keessan inni tokkichi isa waaqa keessa jiru dha. <sup>10</sup>‘Barsiisa’ jedhamtaniis waamamu hin qabdani; barsiisan keessan inni tokkichi Kiristoosi dha. <sup>11</sup>Isin giddiudhaa inni caalaatti cimaa ta’ee garuu, inni hojjetaa keessani dha. <sup>12</sup>Nammi eenyumtuu inni ol of qabu, gadi ni qabama; inni gadi of qabu immoo, ol ni qabama. <sup>13</sup>Wayyoo garuu warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Isin mootummaa waaqaa namoota duraa cuftaniittu. Ofii keessanii itti hin galtan; warra itti galuu barbaadan immoo akka isaan itti hin galle ni hoowwitu. <sup>14</sup> Wayyoo garuu warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Isin warri dubartii ishee gaalamoota sana jalaa waan isheen qabdu nyaattanii fixxan, fakkeessuudhaaf jettanii immoo kadhanna keessan dheresitan, yakki caalaan isin irratti ni murama. <sup>15</sup>Wayyoo warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Isin galaana fi lafa irraa asiif achi deemtanii amantii nammaa jijiirtu; erga inni amanticha fudhatee boodas, hamminni isaa harka lamaan kan caalu ilma du’a bara baraa isa gootu. <sup>16</sup> Wayyoo yaa jaamtota warra jaamtota akka keessanii harkiftan nanaa; isin warri ‘Namni eenyumtuu inni maqaa mana sagadaatiin kakatu, kakaan isa homaa miti. Namni eenyumtuu inni maqaa warqee mana sagadaatiin kakatu garuu, inni kakaan isaa amanamaa dha’ jettani. <sup>17</sup>Isin jaamtota gowwoota nana! Isa kamtu caala, warqee moo, mana sagadichaa isa warqee sana iyyuu qulqulluu godhutu, caala? <sup>18</sup>Isinis warri ‘Namni eenyumtuu inni maqaa aarsaa achi irraa kaa’ameen kakatu garuu, kakaan isa guutuu dha’ jettani, <sup>19</sup>Isin yaa namoota jaamtota nanaa! Isa kamtu caala, kennaa sana moo, iddoa aarsaa sana, isa kennaa sana iyyuu qulqulluu godhutu, caala? <sup>20</sup>Kanaafuu, namni inni iddoa aarsaa sanaatiin kakatu, inni kan kakatu iddoa aarsaa sanaatiin, akkasumas kennaa isa iddoa aarsaa sana irra kaa’ameetiinis dha. <sup>21</sup>Namni inni maqaa mana sagadaatiin kakatus kan kakatu maqaa mana sagadaa sanaa fi maqaa isa achi keessa jiraatuunis dha. <sup>22</sup>Namni inni maqaa waqaatiin kakatu sunis kan kakatu maqaa barcuma (teessoo) Waaqayyootiinii fi maqaa isa barcumicha irra taa’utiinis dha. <sup>23</sup> Wayyoo warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Baala kefoo, inchilaala fi ija dimbilaalaa illee harka kudhan keessaa harka tokko Waaqayyoof ni kennitu; seera Waaqayyoo keessaa warra caalaatti barbaachisaa ta’an – firdii qajeelaa, gara laafinaa fi amanamummaa – garuu otoo hin godhiin ni dhiiftu. Garuu immoo, warra sanas gochuu otoo hin dhiisiin, isaan kanas gochuun isinitti jira ture. <sup>24</sup> Isin yaa jaamtota warra jaamtota harkiftan nanaa! Isin warra bookee liqimsuun isinitti cimee, gaala garuu liqimsitani dha! <sup>25</sup> Wayyoo warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Keessi kubbayyaa fi gabatee saammii fi gabgaabbumaadhaan guutamee otoo jiru, isin garuu duuba duuba isaanii qulqulleessitu. <sup>26</sup> Faarisootaa warra jaamtota nana! Duubni isaanii akka qulqullaauuf, dura dabarsaatii keessa kubbayyaa fi gabatee sanaa qulqulleessa! <sup>27</sup> Wayyoo warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Isin akka bakka awwaalcha isa duubaan nooraa dibamee addaatee bareedu, keessi isaa garuu lafeewwan warra du’anii fi waantota qulqulluu hin taane biraatiinis guutamee jiruu ti. <sup>28</sup> Haaluma wal fakkaatuun, isinis duubaan namootatti qajeellota ni fakkaattu; keessi keessan garuu ofittummaa fi seeraan alummattiin guutamee jira. <sup>29</sup> Wayyoo warra of jajjoota nanaa – yaa warra barreessitoota seeraa fi yaa warra Faarisootaa! Isin bakka awwaalcha raajotaa ni ijaartu; bakka awwaalcha warra qajeelotaas ni miidhagsitu. <sup>30</sup> Isin, ‘Bara abboota keenya sana jiraanneerra otoo ture, nuti isaan wajjin dhiiga raajotaa hin dhangalaasnu ture’ ni jettu. <sup>31</sup> Kanaafuu egaa, isin ilmaan warra raajota ajjeesanii ta’uu keessan of irratti dhugaa bahaa jirtu jechaa dha. <sup>32</sup> Isinis egaa safartuu abbootii keessanii guuttaniittu jechaa dha. <sup>33</sup> Yaa bofoota nanaa, yaa ijoollee mar’attoota nana! Egaa isin firdii hallayyaa boolla du’a bara baraa jalaatii attamitti baatu ree? <sup>34</sup> Kanaafuu, kunoo ani raajota, namoota ogeeyyi fi barreesitoota gara keessanii na erga. Isinis, gar tokkoo isaanii ajjeestanii ni fanniftu; gar tokkoo isaanii immoo manneen sagadaa keessan keessatti ni reebdu; magaala tokko irraa gara magaala biraattis

isaan ni ariitu.<sup>35</sup> Kanaanis, dhiigni warra qajelotaa inni lafatti dhangala'ee ture hundumtuu isin irratti ni dhufa; kunis kan ta'u, dhiiga Abeel isa qajelaa sana irraa kaasee hanga dhiiga Zakkaariyaas, ilma Baraakiyaa, isa isin bakka mana sagadaa fi iddo aarsaa gidduutti ajjeeftaniitti, isa jiru dha.<sup>36</sup> Ani dhuguman isiniin jedha, hundumti kuni iyyuu kan dhufu. dhaloota ammaa kana irratti dha.<sup>37</sup> “Yaa Yerusaalem, yaa Yerusaalem, ishee raajota ajjeeftuu; ishee warra gara isheetti ergamanis dhagaadhaan rukuttuu! Akkuma handaaqqoo wicii ishee kaattuu ishee jalatti sassaabduu, ijoollee kee walitti qabuuf, yeroo hammamii anatti fudhatee? Ati garuu indaanqoon cuucota ishee qoochoo ishee jalatti akkuma walitti qabatutti, si'a meeqan ijoollee hin barbaanne.<sup>38</sup> Kunoo ilaali; manni kee onee duwwaatti sii hafee jira.<sup>39</sup> Ani nan isinitti hima; ammaa irraa kaasee hanga isin ‘Inni maqaa Gooftaatiin dhufu suni eeb bifamaa dha’ jettanitti ana hin argitan” jedhe.

## Chapter 24

<sup>1</sup>Yasuus mana sagadaa keessaa ba'ee, karaa isaa irra bu'e adeemsa jalqabe. Barattoonni isaas ijaarsa mana sagadaa isatti argisiisuudhaaf gara isaa dhufani. <sup>2</sup>Inni garuu, "Isin waantota kana hundumaa hin argitanii? Ani dhuguman isiniin jedha; bakka kanatti, lafatti cacabsameetu diddiigama malee, dhagaan tokko iyyuu dhagaa biraan irratti taa'ee hin hafu" jedhee isaaniif deebise. <sup>3</sup>Akkuma inni Tulluu Ejersaa irra taa'eenis, barattoonni isaa gara isaa dhufanii, "Nuttu himi mee, waantotni kun kan raawwatan yoomi dha? Mallatton dhufaatii kee fi xumurri barichaa maali dha?" jedhanii kophaatti isa gaafatani <sup>4</sup>Yasuusis, "Eenyumtuu daandii keessan irraa akka isin hin kaachisne of eeggadhaa! <sup>5</sup>Warri maqaa kootiin dhufan baay'ee dha. Isaanis, 'Ani Kiristoos dha' jedhanii namoota baay'ees karaa irraa ni kaachisu. <sup>6</sup>Isin waranotaa fi waa'een waraanotaa yeroo asaasamu ni dhageessu. Kunis raawwachuu waan qabu sila ta'eef, isin garuu akka hin na'iinaa; guyyaan suni garuu amma iyyuu akka hin geenye hubadhaa. <sup>7</sup>Biyyi biyya irratti ni ka'a; mootummaanis mootummaa irratti ni ka'a. Beellii fi kirkirri lafaas, bakka adda addaatti ni uumamu. <sup>8</sup>Waantonni kunneen hundumtuu garuu jalqaba ciniinsuuwan da'umsaa ti.

<sup>9</sup>Achiin boodas, isaan rakkinnati dabarsanii erga isin laatanii booda, isin ni ajeesu. Maqaa koofis jettanii biyya lafaa hundaa irrattis ni jibbamtu. <sup>10</sup>Yeroo sanatti namoonni baay'een ni gufatu, wal ganu; walis ni jibbu.

<sup>11</sup>Raajonni sobduun baay'een ni ka'u (dhufu); namoota baay'ees ni dogogorsiis. <sup>12</sup>Seeraan-alummaan waan baay'atuuf, jaalalli namoota baay'ee qabbanaa'aa ni deema. <sup>13</sup>Namni hamma dhumaatti rakkooowwan kanneen danda'ee turu garuu ni fayyisama. <sup>14</sup>Oduun gammachisaan kunis mootummaa Waaqayyoo akka dhugaa ba'uuf guutummaa biyya lafaa irratti namoota biyya lafaa hundumatti ni lallabama. Kanaan boodas, inni dhumaa ni dhufa. <sup>15</sup>"Kanaafuu, akkuma raajicha Daani'eeliin dubbatamee ture sanaatti, waanti jibbisiisaan bakka qulqulluu ta'e keessa dhaabbatee yeroo jiru yoo argitani", namni kana dubbisu haa hubatu. <sup>16</sup>"Yeroo sanatti, warri Yihudaa keessa jiran, gara tulluuwwaniitti haa baqatani." <sup>17</sup>Namni inni bantii manaa irra jirus, waan tokko iyyuu mana isaa keessa fudhachuudhaaf jedhee gadi hin bu'iin; <sup>18</sup>Namni inni goodaa jirus, uffata (wayyaa) isaa fudhachuudhaaf jedhee gara mana isaatti hin deebi'iin. <sup>19</sup>Yeroo sanatti warra ulfaa ta'anii fi warra hoosisaniif garuu wayyoo!

<sup>20</sup>Yeroon itti baqattan yeroo gannaa fi guyyaa Sanbataa akka hin taaneef kadhadhaa! <sup>21</sup>Yeroodhuma sanattis, rakkoo guddaan, inni erga uumama biyya lafaa irraa jalqabee hanga ammaatti uumamee hin beekne, gara fuul duraatiis kan deebi'ee hin uumamne, ni uumama. <sup>22</sup>Guyyooni suni otoo hin gabaabsifamani ta'ee ture, namni fooniin jiru tokko illee hin hafu (fayyu) ture. Warra filataman sanaaf jecha garuu, guyyooni suni ni gabaabsamu. <sup>23</sup>Yeroo sanatti, eenyumtuu, 'Ilaala, inni kuni Kiristoos dha'; yookiin immoo, 'Inni suni Kiristoos dha' yoo isiniin jedhe, hin amaninaa! <sup>24</sup>Kiristoosoni sobaa fi raajonni sobaa ka'uudhaan karaa irraa isin jallisuu (isin dogogorsiisuu), yoo isaaniif danda'ame immoo warra filataman iyyuu karaa irraa jallisuu (dogogorsiisuu), mallattoowwanii fi dinqiiwan gurguddaa ni argisiisu. <sup>25</sup>Hubadhaa, ani duraan dursee isinitti himeera. <sup>26</sup>Kanaafuu, isaan 'Inni kunoo lafa onaa keessa jira' yoo isiniin jedhan, gara lafa onaa sana hin deemiinaa. Yookiin immoo, 'Inni kunoo mana keessa jira' yoo isiniin jedhanis, hin amaninaa. <sup>27</sup>Gaafa guyyaa bakakkaan ba'a biiftuu irraa ka'ee hanga lixa biiftuutti balaqqisee ifu sana, dhufaatiin Ilma Namaas ni ta'a.

<sup>28</sup>Eessumayyuu taanaan, bakka raqni (horiin du'e) jiru sanatti, joobirri walitti ni qabama. <sup>29</sup>"Battaluma guyyooni rakkinnaa suni darbeen immoo, biiftuun ni dukkanoofti; jiinis ifa ishee hin laattu; urjoonnis waaqa irraa gadi ni harca'u; humnoonni waaqa keessaas ni raafamu. <sup>30</sup>Achiin boodas, mallatton Ilma Namaa waaqa keessatti ni mul'ata; yeroo sanattis, sanyiin namaa biyya lafaa irra jiraatan hundumtuu ni gaddu. Isaanis Ilmi Namaa humnaa fi ulfina guddaadhaan hurrii waaqa keessaas irra yeroo inni dhufuu ni argu. <sup>31</sup>Innis ergamoota isaa waaga keessaa, sagalee xurumbaa guddaa wajjin, ni erga; isaanis warra filataman handaara samii karaa tokkoo irraa hanga fiijee isa biraatti, karaa kallattii arfaniin iyyuu walitti ni qabu. <sup>32</sup>Muka harbuu irraa barumsa baradhaa. Yeroo dameen isaa gogee baalli isaa harca'uui jalqabu, bonni akka dhiyaate ni hubattu. <sup>33</sup>Akkuma kanaatti, waantota kanneen hunda yeroo argitan, akka inni dhufee balbala biraatti dhiyaatee jiru beekuun isinitti jira. <sup>34</sup>Ani dhuguman isiniin jedha; waantotni kunneen hundumtuu hanga raawwamatutti, dhaloonni ammaa kuni hin darbu. <sup>35</sup>Waaqnii fi lafti ni darbu; dubbiwwan koo garuu gonkumaa hin darbani (badani).

<sup>36</sup>Guyyaa fi sa'aatii dhufaatii sanaa ilaachisee garuu, Abbaa irraa kan hafe, ergamoonni waaqa keessaas, Ilmis, hin beekani. <sup>37</sup>Akkuma dhufaatiin guyyoota Nohi hin beekamne ture, guyyaan dhufaatii Ilma Namaas hin beekamu. <sup>38</sup>Bara sana, lolaan suni otoo hin dhufiin dura, hanga gaafa Nohi doonii keessa gale sanaatti, namoonni nyaachaas, dhugaas, fuudhaas, heerumaas turani. <sup>39</sup>Hanga lolaan suni dhufee hunduma isaanii haree fudhathee deeme sanaatti, isaan homaa tokko iyyuu hin beekani ture - barri dhufaatii Ilma Namaas akkasuma dha. <sup>40</sup>Gaafa guyyaa sanaas, namoonni lama maasii keessatti ni argamu - inni tokko ni fudhatama; inni tokko immoo ni dhiifama. <sup>41</sup>Dubartoонни lamas majiitiin midhaan ni daaku - isheen tokko ni fudhatamtii; isheen tokko immoo ni dhiifamti. <sup>42</sup>Kanaafuu, guyyaa gaafa Gooftaan keessan dhufu hin beektan waan ta'eef, qophaa'atii eeggadhaa!

<sup>43</sup>Abbaan manaa tokko halkan keessaa yeroo kam itti hattuun akka dhufu otoo beeka ta'e turee, dammaqee waan eeggatuuf, mana isaa akka hin cabsisiifne ture, garuu ni beektu. <sup>44</sup>Kanaafuu, Ilmi Namaas sa'aatii isin hin eegnetti waan dhufuuf, isinis qophaa'aatii eeggadhaa. <sup>45</sup>"Egaa hojjetaan amanamaanii fi ogeessi kan gooftaan isaa akka inni maatii isaaf nyaata isaanii yeroodhaan isaaniif kennuuf jedhee mana isaa dabarsee itti kennu isa kami dha ree? <sup>46</sup>Hojjetaan inni otoo inni hojii isaa hojjetaa jiruu gooftaan isaa dhufee isa argu suni eebbifamaa dha.

<sup>47</sup>Dhuguman isiniin jedha; hojjetaa sanaatiin, gooftaan isaa, akka inni qabeenya isaa hundumaa irratti ajajjuus ni godha. <sup>48</sup>Hojjetaan inni hamaan suni garuu, garaa isaa keessatti, 'Gooftaan koo ni tura' jedhee ni yaada; <sup>49</sup>Kana irraa kan ka'eenis, hojjetoota akka isaa reebuu fi isaaniin dhoowwatee, warra machooftota wajjin nyaachuu fi dhuguu ni jalqaba. <sup>50</sup>Gooftaan isaa garuu guyyaa inni hin eeginetti fi sa'aatii inni hin beekinetti ni dhufa;

<sup>51</sup>Gooftaan isaa hojjetaa sana bakka hedduutti isa ni kukkuta; achiin boodas, iddo warri ofittoo jiraatan – iddo ittii boo'anii fi iddo ilkaan walitti qaran sana – isaaf ni kenna.

## Chapter 25

<sup>1</sup>“Mootummaan waaqaa egaa mishirroota kurnan warra mushurraa isaan fuudhu simachuudhaaf jedhanii ibsaanisaanii fudhatanii deemanii ture wajjin wal fakkaata.<sup>2</sup> Mishirroota sana keessaan shanan isanii gowwoota turani; shanan isanii immoo abshaalota (gamnoota) turani. <sup>3</sup> Warri gowwoonni ibsaanisaanii fudhatanii yeroo deemanii turetti, naafxaa garuu fudhatanii hin deemne ture. <sup>4</sup> Warri abshaalonni garuu, ibsaanisaanii wajjin, naafxaa qodaa isaatti naqantanii fudhatanii ture. <sup>5</sup> Mushurrooni isaanii otoo hin dhufiin waan turanii hunduma isaanii iyyuu hirribni waan qabeef ni rafani. <sup>6</sup> Halkan walakkaa keessa garuu, sagaleen, ‘Mushurraan kunoo ti! Gadi ba’iitii simadhu’ jedhee iyyu ni dhaga’ame. <sup>7</sup> Yeroo sanattis mishirroonni sun hundumtuu ka’uudhaan ibsaanisaanii qopheessatani. <sup>8</sup> Warri gowwoonnis warra abshaalotaatiin, ‘Ibsaan keenya nu jalaa baduuf waan ta’eeef, naafxaa keessan irraa waa nuuf kenna’ jedhani. <sup>9</sup> Warri abshaalonni garuu, ‘Inni nuti qabnu, unuu fi isiniif ga’aa waan hin taaneef, warra gurguran bira deemaatii bitadhaa’ jedhanii isaaniiif deebisani. <sup>10</sup> Yeroo isaan bitachuuf deemanii turettis mushurraan ni dhufee; warri duruma qophaa’anii turanis, isa wajjin gara mana cidhichaatti deemanii; sanaan boodas, balballi mana cidhichaa ni cufame. <sup>11</sup> Erga manni cidhaha sun cufamee boodas, warri gowwoonni suni dhufanii, ‘Gooftaa, gooftaa, maaloo nuuf bani’ jedhani. <sup>12</sup> Inni garuu, ‘Ani dhuguman isiniin jedha; ani isin hin beeku’ jedhee isaaniiif deebise. <sup>13</sup> Kanaafuu egaa, isin guyyaa fi sa’atii isaa waan hin beekneef, of eegadhaa. <sup>14</sup>“Dhimmi kuni egaa akka nama biyya biraat deemuuf jiru tokkoo ti. Innis hojjetoota isaa waamee, qabeenya isaa isaanitti kennate. <sup>15</sup> Innis, isa tokkotti qarshii kuma shan, isa biraatti qarshii kuma lama, isa hafetti immoo qarshii kuma tokko kennee. Namtichis, tokko tokkoo isaaniiitti akkuma dandeetti isaaniiitti erga kenne boodas, gara biyya biraatti ni deeme. <sup>16</sup> Hojjetichi inni kuma shan fudhatee ture sunis, battalumatti deemee ittiin hojjetee kuma shan buufate. <sup>17</sup> Haaluma wal fakkaatuun, hojjetaan inni kuma lama fudhatee tures, hojjetee kuma lama buufate. <sup>18</sup> Hojjetaan inni kuma tokko fudhatee ture suni garuu, deemee boolla qotuudhaan maallaqa gooftaan isaa itti kennate sana ni awwaale. <sup>19</sup> Yeroo dheera booddees, gooftaan hojjetoota sanaa deebi’ee dhufe; horii isaa isa issaan irraa qabus shallagee fudhate. <sup>20</sup> Hojjetaan inni qarshii kuma shan fudhatee tures, qarshii biraat kuma shan dabalee fidee dhufe. Innis, ‘Yaa gooftaa, qarshii kuma shan anatti kennattee turt. Kunoo ani immoo qarshii kuma shan buufadheen jira’ ittiin jedhe. <sup>21</sup>“Gooftaan isasas, ‘Gaarii goote; ati hojjetaa gaarii fi amanamaa dha! Ati waan xinnoo irratti amanamtee jirta. Ani immoo waantota baay’ee irratti itti gaafatummaa nan siif kenna. Gara gammachuu gooftaan kee seeni’ isaatiin jedhe. <sup>22</sup>“Hojjetaan inni qarshii kuma lama fudhatee tures dhufee, ‘Yaa gooftaa, ati qarshii kuma lama anatti kennattee turt. Kunoo ani immoo qarshii kuma lama buufadheen jira’ jedhe. <sup>23</sup>“Gooftaan isasas, ‘Gaarii goote; ati hojjetaa gaarii fi amanamaa dha! Ati waan xinnoo irratti amanamtee jirta. Ani immoo waantota baay’ee irratti itti gaafatummaa nan siif kenna. Gara gammachuu gooftaan kee seeni’ isaatiin jedhe. <sup>24</sup>“Achiin boodas, hojjetaan inni qarshii kuma tokko fudhatee tures dhufee, ‘Yaa gooftaa, akka ati garaa jabeessa taate nan beeka. Ati bakka facaastee hin turreetii ni haammatta; bakka bittinsinee hin turreetiis, ni sassaabbatta. <sup>25</sup> Kanaaf jedheen anis waanan si sodaadhee tureef, qarshii kee fuudhee deemeen boolla keessa awwaaleen ture. Qarshii kee kunoo ti’ jedhe. <sup>26</sup>“Gooftaan isaa garuu, ‘Ati yaa hojjetaa hamaa fi dhiba’aa nana; ani bakkan facaasee hin turree akkan haammadhu; bakkan bittinsee hin turreetiis, akkan sassaabbadhu garuu ni beekta ture mitii? <sup>27</sup> Kanaafuu, maallaqa koo mana baankii keessa otoo anaaf keesssee turtetta ta’ee, amma yeroon deebi’ee dhufu dhala isaa wajjin nan fudhadha ture. <sup>28</sup> Kanaafuu egaa, qarshii koo kuma tokko sana harkaa fuudhaatii, hojjetaa isa qarshii kuma kudhan qabu sanaaf kennaa. <sup>29</sup> Isa qabuuf, dabalamee ni kennama; hanga isa irraa hafuttis ni hora. Isa hin qabne irraa garuu, innumti inni qabu iyyuu isa irraa ni fudhatama. <sup>30</sup> Hojjetaa isa gatii hin qabne kana alatti baasaatii dukkana keessatti, iddooboo’anii fi ilkaan walitti qaramutti, gadi darbadhaa. <sup>31</sup>“Ilmi Nammaa, ergamoota hundumaa wajjin ta’ee, ulfina isaatiin yeroo dhufus, barcuma ulfinaa isaa irra ni taa’aa. <sup>32</sup> Namoonni biyya lafaa hundumtuu fuul dura isaatti walitti ni qabamu; akkuma tikseen tokko hoolota ro’oota keessaa footee addaan baaftutti, innis namoota sana gargar ni fo’aa. <sup>33</sup> Innis hoolota karaa harka mirgaa isaa, ro’oo immoo karaa bitaa isaa ni kaa’aa <sup>34</sup> Achiin boodas, Mootichi warra karaa mirgaa isaa jiraniin, ‘Isin Abbaa kootiin eebbifamtanii waan jirtaniif, mootummaa isa uumama biyya lafaa irratii jalqabee isiniif qophaa’ee jiru koottaatii dhaalaa. <sup>35</sup> Isin yeroo ani beela’ee ture, beela na baaftaniittu; yeroon dheebodhee turettis, dheebuu na baaftanii jirtu; yeroo ani keessummaa ta’ee dhufes, na keessummeessitanittu. <sup>36</sup> Isin yeroo ani qullaa hafee turettis, natti uffiftanii jirtu; yeroon dhukkubsadhee tures, na waldhaantaniittu; yeroon mana hidhaa keessa tures, dhuftanii na gaafattanii jirtu’ jedhe. <sup>37</sup>“Achiin boodas, warri qajeelonni, ‘Gooftaa, yeroo ati beeloftu yoom arginee, si nyaachifnee beekna? Yoomis dheebuu kee arginee, si obaafnee beekna? <sup>38</sup> Keessummaa kees yoom arginee, si keessummeessinee beekna? Yookiin immoo, yoom qullaa ta’uu kee arginee, sitti uffifnee beekna? <sup>39</sup> Dhukkubsachuu kees, mana hidhaa galuu kees yoom arginee, dhufnee si gaafanee beekna? <sup>40</sup>“Mootichis, ‘Ani dhuguman isiniin jedha; inni isin obboloota

koo warra hundaa gadi ta'aniif goochaa turtan, akka anaaf gootaniitti ilaalam'a' jedhee isaaniif ni deebisa.<sup>41</sup>Achiin boodas, Mootichi warra karaa harka bitaa isaa jiraniitiin, 'Isin warra abaaramtoota nanaa, ana biraatii gara boolla ibiddaa isa kan bara baraa, iddo Seexanaa fi ergamoota isaaf qophaa'ee jirutti, badaa.<sup>42</sup>Sababni isaas, yeroo ani beela'ee turetti, isin beela nan baafne; yeroon dheebodhee turettis, dheebuu nan baafne.<sup>43</sup>Isin, yeroo ani keessummaa ta'ee dhufee turettis, ana hin keessummeessine; yeroo ani qullaa hafee turettis, natti hin uffifne; yeroon dhukkubsadhee turettis, yeroon hidhamee turettis, isin homaa anaaf hin goone ture' ni jedha.<sup>44</sup>Isaanis, 'Gooftaa, ati beela'uu kee, dheebochuu kee, keessummaa ta'uu kee, qullaa ta'uu kee, dhukkubsachuu kee, akkasumas immoo, hidhamuu kee, yeroo kami kan nuti si arginee, si tajaajiluu dhiifne?' jedhanii deebisanii isa ni gaafatu.<sup>45</sup>"Achiin boodas, Inni immoo, 'Ani dhuguman isiniin jedha; warra hundumaa gadi ta'aniif homaa gochuu dhiisuun keessan, anaaf akka homaa hin gooneetti fudhatama' jedhee isaaniif ni deebisa.<sup>46</sup>Isaan kuni gara adabbii bara baraatti ni deemu; warri qajeelonni garuu, gara jirenya bara baraatti ni deemu" jedhe.

## Chapter 26

<sup>1</sup>Yasuus dubbiawan kana hundumaa erga xumuree boodas, barattoota isaatiin, <sup>2</sup>“Guyyaa lama booddee ayyaanni Faasikaa akka dhufu ni beektu; Ilmi Nammaas fannifamuudhaaf dabarfamee ni kennama” jedhe. <sup>3</sup>Achiin boodas, dura buutonni lubootaa fi manguddoonne uummataa masaraa luba ol aanoo, isa Qayyaafaa jedhamee waamamu ture, keessatti walitti qabamani. <sup>4</sup>Yasuusiin malaatiin attamitti akka qabsiisanii fi achiin boodas, ajjeesan irratti mari’atani. <sup>5</sup>Yeroo mari’atanittis, “Namoonni jeequmsa akka hin kaafneef, yeroo ayyaana sanaa ta’uu hin qabu” jechaa turani. <sup>6</sup>Yasuus biyya Bitaaniyaa, mana Simi’oon isa lamxaa’ a keessa, ture. <sup>7</sup>Yeroo sanattis, yeroo Yasuus maaddiitti dhiyaatee turetti, dubartiin tokko, shittoo gatii guddaa baasu qodaa shurrubbee keessatti qabattee, gara isaa dhuftee shittoo sana mataa isaa dibde. <sup>8</sup>Barattooni isaa garuu yeroo kana argan waan aaraniif, “Sababa maalif jetteetu akkas balleessita? <sup>9</sup>Kuni horii baay’eetin gurguramee warra hiyyeessotaaf kennamu ni danda’ a ture” jedhani. <sup>10</sup>Yasuus garuu sababa isheen kana gootuuf waan beekuuf, “Maaliif dubartii kana rakkiftuu? Isheen waan gaarii anaaf gootee jirti. <sup>11</sup>Warra hiyyeessota yeroo hundumaa of biratti ni argattu; anaan garuu yeroo hundumaa of biratti hin argattani. <sup>12</sup>Isheen shittoo kana dhaqna kootti yeroo dibdu, isheen awwaalcha koof ana qopheessuudhaaf kana goote. <sup>13</sup>Ani dhuguman isiniin jedha; guutummaa biyya lafaa, iddo oduun gammachuu kuni lallabamu, irratti, waanti isheen goote kunis, seenaa ishee ta’ee, ni dubbatama” isaaniin jedhe. <sup>14</sup>Achiin boodas, barattoota warra kudha lamaan keessaa tokko, inni Yihudaa isa Iskaariyoot jedhamu, gara dura buutota luboota deeme. <sup>15</sup>Innis, “Yoo ani isa dabarsee isiniif kenne, isin immoo anaaf maal gootu?” ittiin jedhee isaan gaafate. Isaanis meetii soddoma isaaf murani. <sup>16</sup>Yihudaanis yeroo sanaa irraa jalqabee, mala ittiin dabarsee isa kenu barbaadaa barbaada ture. <sup>17</sup>Guyyaa jalqabaa gaafa ayyaana Maxinoos, barattooni isaa gara Yasuus dhufanii, “Hirbaata ayyaana Faasikaa eessatti akka siif qopheessinu barbaadda?” jedhanii isa gaafatani. <sup>18</sup>Innis, “Gara magaalaa deemaatii gara nama tokkoo dhaqaati, namichaatiinis, Barsiisaan “Yeroon koo ga’ee jira. Ayyaanna Faasikaa, barattoota koo wajjin, mana keettin ayyaaneffadha jedha’ jedhaatii itti himaa” isaaniin jedhe. <sup>19</sup>Haaluma Yasuus isaan ajajeen, barattooni isasas Hirbaata Faasikaa ni qopheessani. <sup>20</sup>Yeroo galgalli ga’ees, Yasuus, barattoota isaa kudha lamaan wajjin, hirbaata nyaachuuf maaddiitti dhiyaatani. <sup>21</sup>Otoo dhuma nyaachaa jiraniis, Yasuus, “Dhuguman isiniin jedha; isin keessaa tokko hin nagana” jedhe. <sup>22</sup>Isaanis hedduu gaddani; tokko tokkoon isaaniis, “Dhugaa dubbachuu, ana miti mitii, Goofta?” jedhanii isaa gaafachuu jalqabani. <sup>23</sup>Innis, “Isa harka isaa gara maaddiitti ana wajjin hiixatee xuqatu sanatu na gana. <sup>24</sup>Ilmi Nammas, akkuma waa’ee isaa barreessamee jiru sanaatti, ni deema. Namicha isa Ilmi Namaa ittiin ganamu sanaaf garuu, wayyoo! Namichi suni otoo dhalachuu baatee isaafi wayya ture” jedhee isaaniif deebise. <sup>25</sup>Yihudaan, inni isa ganuuf jedhu sunis, “Ana dhaa, Barsiisa?” jedhee Yasuus gaafate. Innis, “Sumatu ofiin jedhe” ittiin jedhe. <sup>26</sup>Otoo dhuma nyaachaa jiraniis, Yasuus buddeena fuudhee erga eebbisee booda buddeenichas ni mummure. Barattoota isaatiinis, “Fudhadhaatii nyaadhaa. Kuni foon qaama kooti” jedhee buddeena mummure sana isaaniif kennee, <sup>27</sup>Kubbaayyaas fuudhee erga galateeffatee booda isaaniif kennee, “Hundumti keessanuu dhugaa. <sup>28</sup>Kuni dhiiga koo, isa namoota baay’ee cubbuwwan isaanii isaaniif dhiisuudhaaf isa kakuutiin waadaa galamee ture sana cimsuuf, kan dhangala’u dha. <sup>29</sup>Ani garuu, hanga gaafa guyyaa ami mootummaa Abbaa koo keessatti wayinii ishaaraa isin wajjin dhugutti, wayinii kana deebi’ee akkan hin dhugne isinittan hima” jedhe. <sup>30</sup>Faarfanna erga faarfatanii boodas gara Tulluu Ejersaatti ol ba’ani. <sup>31</sup>Sana boodas, Yasuus, “Hardha galgala hundumti keessan iyyuu, sababa koo irraa kan ka’e, ana jalaa ni mucucaattu; kunis kan ta’u, ‘Ani tiksee sana nan rukuta; Achiin boodas hoolonni sunis ni bittinna’u’ jedhamee haaluma barreessamee jiru sanaatiini dha. <sup>32</sup>Du’aa eergan kaafamee booda garuu, anatu isin durseen Galiilaa dhaqa” isaaniin jedhe. <sup>33</sup>Pheexroos garuu, “Hundumti isaanii iyyuu si jalaa yoo mucucaatan (si irraa yoo baqatan) illee, ani garuu gonkuma hin mucucaadhu” ittiin jedhe. <sup>34</sup>Yasuusis, “Dhuguman siin jedha, halkanuma kana, handaaqoon otoo hin iyyiin dura, ati si’a sadii na ganta” isaatiin jedhe. <sup>35</sup>Pheexroosis, “Sii wajjin du’uun dirqama natti yoo ta’e illee, ani siitiin hin ganu” jedheeni. Barattooni warri kaanis akkasuma jedhani. <sup>36</sup>Achiin boodas, Yasuus isaan wajjin gara bakka Geetesemmaanee jedhamu tokkoo deeme, barattoota isaatiinis, “Ani achi deemeen kadhadhaa; isin asuma ta’aa” jedhe. <sup>37</sup>Yasuusis Pheexroosii fi ilmaan Zabdiwoos lamaan of faana fudhatee deemuudhaan gadduu fi jeeqamuu (dhiphachuu) jalqabe. <sup>38</sup>Sana boodas, isaaniitiin, “Lubbuun koo hamma du’atti illee gadi fageenyaan gaddaan guutamee jira. Isin asuma turaatii anaa eegaa” jedhe. <sup>39</sup>Innis xinnoo achi siiqee adda isaatiin gombifamee kadhat. Innis “Yaa Abbaa koo, yoo ni danda’ama ta’e, kubbaayyaan dhiphinaa kun ana irra haa darbu. Garuu immoo akka fedhii koo otoo hin taane, akkuma fedhii keetti haa ta’u” jedhee kadhat. <sup>40</sup>Ergasiis, gara barattoota sanaa dhufee otoo isaan rafaa jiranii waan argeef, Pheexroosiin “Maali, isin saa’atii dhuma tokkoof illee anaa eeguu hin dandeenye jechaa dha? <sup>41</sup>Gara qormaataatti akka hin galleef jabaadhaatii kadhaahaa. Afuurri fedhii qabaatu illee, foon garuu dadhabaa dha” jedhe. <sup>42</sup>Yeroo lammaffaafis achi deeme ni kadhate. “Yaa Abbaa koo, yoon dhuge malee

kuni ana irraa darbuu hin danda'u yoo ta'e, fedhiin inni kan kee haa ta'u" jedhees kadhate.<sup>43</sup> Ammas deebi'ee yeroo dhufu, otoo isaan rafaa jiranii isaan arge; ijji isaanii itti ulfaatee ture.<sup>44</sup> Kanaafuu, isaaniin achumatti dhiisee, ammas achi siiqee yeroo sadaffaadhaaf isuma dura jechaa ture jedhee kadhate.<sup>45</sup> Achiin boodas, Yasuus gara barattoota sanaatti debi'ee dhufee, "Amma iyyuu raftanii boqachaa jirtuu? Yeroon suni kunoo ga'ee jira; Ilmi Namaas harka cubbamtootaatiin ni ganama.<sup>46</sup> Ka'aa, haa deemnu! Inni ana ganu sunis kunoo as dhiyaatee jira" isaaniin jedhe.<sup>47</sup> Otoo dhuma Yasuus dubbachaa jiruus, Yihudaan, inni warra kudha lamaan keessaa tokko ta'e, gara isaanii ni dhufe. Namoonni hedduunis, warri dura buutota luboota fi manguddoota uummataa biraan ergamani, isa wajjiniin dhufani. Isaanis cuubee (billaa) fi eeboo qabatanii dhufani.<sup>48</sup> Namichi inni Yasuusiin ganeedabarsee isa kennuuf jedhe sunis, "Inni ani dhungadhu suni namicha dha. Isa qabadhaa" jedhee milikkitaan isaanitti himee ture.<sup>49</sup> Battaluma sanattis, Yihudaan gara Yasuus dhufuudhaan, "Attam jirta, Barsiisa!" jedhee isa dhungate.<sup>50</sup> Yasuusis, "Michuu ko, waan gochuuf as dhufte godhi" ittiin jedhe. Achiin boodas, jaroonni dhufanii harka isaanii Yasuus irra godhanii isa qabani.<sup>51</sup> Kunoo, warra Yasuus wajjin turan keessaa inni hiixatee cuubee isaa erga luqqifatee booda, hojjetaa luba ol'aanoo rukutee, gurra isaa irraa kutee buuse.<sup>52</sup> Sana boodas, Yasuus, "Cuubee kee mann'ee isaatti deebisi; warri cuubee luqqifatan hundumtuu cuubeedhaan ni badu."<sup>53</sup> Ani Abbaa kootti iyyadhee (himadhee), inni immoo waraana ergamoota isaa kudha lama irra kan caalan iyyuu akka anaaf ergu, gochuwaan an hin dandeenye sitti fakkaataa?<sup>54</sup> Kuni ta'u akka qabu, isa Kitaabni Qulqulluu jedhe garuu attam godheetu raawwata ree?" isaatiin jedhe.<sup>55</sup> Yeroodehuma sanattis, Yasuus namoota achitti walitti qabamanii jiranitiin "Akka hattuutti (saamtutti) ana lakkooftaniitu (ilaaltaniitu) anaan qabuudhaaf cuubee fi eeboo qabattanii dhufanii? Ani guyyaa guyyaadhaan mana sagadaa keessa taa'een barsiisaa ture; isinis ana hin qabne ture.<sup>56</sup> Hundumti kunuu amma kan raawwate garuu, inni raajonni barreessanii ture akka guutamuuf jedheetu" jedhe. Achiin boodas, barattooni hundumtuu achitti isa gatanii baqtani.<sup>57</sup> Warri Yasuus qaban sunis isa fuudhanii iddo barreessitootni seeraa fi manguddoonti walitti qabamanii jiraniti, gara Qayyaafaa, isa luba ol'aanoo, isa geessani.<sup>58</sup> Pheexroos garuu hanga dallaa mana luba ol'aanoo sanaatti, irraa fagaatee Yasuus duukaa bu'ee deeme. Waanta ta'u ilaaluudhaafis, ol seenee warra eegdotaaj wajjin taa'e.<sup>59</sup> Dura buuttonni lubootaa fi guutummaan walii gala yaa'ii Yasuusiin ajjeesuu kan isaan dandeessisu yakka sobaa irratti barbaaduu jalqabani.<sup>60</sup> Dhugaa baasttonni baay'een dhufanii sobaan isa irratti dhugaa ba'an illee, balleessaa tokko illee irratti hin arganne. Booda irra garuu, namni lama fuul duratti dhufani.<sup>61</sup> Isaanis, "Namichi kuni, ani mana sagadaa diigee eergan balleessee booda, guyyaa sadii keessatti deebisee ijaaruun nan danda'a jedhee ture" jedhan.<sup>62</sup> Lubni ol'aanaanis ol ka'ee erga dhaabbatee booda, "Deebi'ii hin qabduu? Inni isaan si irratti dhugaa ba'aa jiran kuni maali dha?" jedhee Yasuus gaafate.<sup>63</sup> Yasuus garuu cal jedhe. Lubni ol'aanaanis, "Maqaa Waaqayyoo isa jiraataatiin nan si ajaja (gaafadha); ati akka Kiristoos, Ilma Waaqayyoo, taate nutti himi" isaatiin jedhe.<sup>64</sup> Yasuusis, "Atumtuu ofiin kee jettee jirta. Garuu, nan sitti himaati, amma irraa jalqabee, ati Ilma Namaa kan argitu yeroo inni karaa harka mirgaa isa Abbaa Angoo taa'u fi yeroo iinni karaa hurrii waqa keessaah dhufu dha" jedhee isaaaf deebise.<sup>65</sup> Achiin boodas, lubni ol'aanaan suni aaree uffata isaa tarasaasee, "Kan inni dubbate arrabsoo dha! Kana irra egaa dhugaa baatota maalii nu barbaachisaa? Kunoo, amma iyyuu arraboo isaa dhageessani jirtu.<sup>66</sup> Maal isinitti fakkaata?" jedhe. Isaanis, "Inni ajjeefamuu (du'u) qaba" jedhanii deebisani.<sup>67</sup> Sanaan booddees, fuula isaa irratti tufanii; ulee qabatanii jiranitiins, isa reebani; warri kaanis isa kakkabalani.<sup>68</sup> "Mee raajii keetiin nutti himi, Kristoos. Inni si rukuteen y dha?" jedhaniini.<sup>69</sup> Yommus Pheexroos ala dallaa keessa taa'aa turetti, intalli hojjettuu taate tokko gara isaa dhuftee, "Atis Yasuus isa Galiilaa sanaa wajjin turte" jette.<sup>70</sup> Inni garuu, "Waa'ee maalii akka dubbachaa jirtu an hin beeku" jedhee hunduma isaanii fuul duratti kaade.<sup>71</sup> Yeroo inni gara karra balbalaatti gadi ba'aa turettis, intalli hojjettuu isheen biraan tokkos isa argitee, "Namichi kun Yasuus isa Naazireet sanaa wajjin ture" jettee warra achi dhaabatanii jiraniti himte.<sup>72</sup> Innis ammas, "Ani namicha kana hin beeku" jedhee kakachuudhaan kaade.<sup>73</sup> Yeroo muraasa booddees, warri achi dhaabbachaa turani dhufanii, "Dhuguma dha; ati isaan keessaa isa tokko dha; akkaataan ati itti dubbattu iyyuu, ni si hima" jedhani.<sup>74</sup> Innis, "Ani namicha kana hin beeku" jedhee of abaaru fi kakachuut akkuma inni jalqabetti handaanqoon iyyite.<sup>75</sup> Pheexroosis waan Yasuus itti dubbatee ture, "Handaanqoon otoo hin iyyin dura, ati yeroo sadii na ganta" sana yaadate. Achiin boodas, Pheexroos gadi ba'ee maassanee boo'e.

## Chapter 27

<sup>1</sup>Akkuma lafti bari'eenis, dura buuttonni lubootaa fi manguddoonti uummataa hundumtuu akkaataa Yasuus aijeesuu danda'an irratti mari'atani. <sup>2</sup>Isaanis, isa hidhanii gara bulchaa biyyaattii, Philaaxoos, geessanii dabarsanii isa kennani.<sup>3</sup>Achiin boodas, Yihudaan, inni dabarsee isa kenne, Yasuusitti faradamuu isaa erga baree booda, waan godhetti gaabbuudhaan, meetii soddoma sana dura buutota luboota fi manguddootatti deebisee kenne,<sup>4</sup>Innis, "Ani dhiiga balleessaa hin qabnee (qulqulluu ta'e) kaaduudhaan cubbuu hojjedheera" isaaniin jedhe. Isaan garuu, "Unuutiin maaltu nu dhibe ree? Atumti ofii keef maladhu malee" isaatiin jedhani. <sup>5</sup>Achiin boodas, Yihudaanis meetii sana mana sagadaa keessatti darbatee achiitii deeme; achi sokkees of fannise.<sup>6</sup>Dura buuttonni lubootaaas meetii sana fuudhanii, "Meetiin kuni gatii dhiigaaf kaffalame waan ta'eef, qabeenya keenyatti dabaluun seera miti" jedhani.<sup>7</sup>Dhimma kana irratti erga mari'atanii boodas, maallaqichaatiin iddo awwaalcha warra keessummoota ta'aniif kan oolu, lafa nama suphee dha'u tokkoo bitani. <sup>8</sup>Sababa kanaafis, lafti suni hanga har'aatti iyyuu "Lafa Dhiigaa" jedhamee waamama.<sup>9</sup>Achumaanis, inni Ermiyaas raajichaatiin dubbatamee ture sunis ni raawwatame. Innis, "Isaanis meetii soddoma, gatii isa ilmaan Israa'el isa irratti muran sanaa, ni fuudhanii. <sup>10</sup>Isaanis, akkuma Gooftichi anaan ajajee turetti, gatii lafa namicha isa suphee dha'u sanaaf kennani" kan jedhu ture. <sup>11</sup>Yasuus fuul dura bulchaa biyyaa dhaabate; bulchaan biyyaa sunis, "Ati Mootii Yihudootaa ti?" jedhee isa gaafate. Yasuusis, "Sumatu akkas jedha" jedhee isaaf deebise. <sup>12</sup>Yeroo dura buuttonni lubootaa fi manguddoonti isa yakkan (himatan) garuu, inni deebii'ii tokko iyyuu hin laanne ture. <sup>13</sup>Achiin boodas, Philaaxoos, "Dhimma meeqaan akka isaan si himachaa jiran hin dhageessuu?" ittiin jedhe. <sup>14</sup>Inni garuu jecha tokko illee waan hin deebisneef, bulchaan biyyaa sunis baay'isee ajaa'ibame.<sup>15</sup>Bulchaan biyyaa yeroo ayyaana hidhamaa tokko filanno uummataatiin akka hiiku kan baratame dha. <sup>16</sup>Yeroo sanatti hidhamaan baay'ee rakkisaa (gidiramaa) kan ta'e, inni Baraabaas jedhamu, tokko hidhamee ture.<sup>17</sup>Yeroo namoonii dhufanii achitti walitti qabamanii turettis, Philaaxoos, "Eenyuun akkan isiniif hiiku barbaaddu? Baraabaas moo Yasuus, isa Kiristoos jedhamu, dha?" jedhee isaan gaafate.<sup>18</sup>Isaan Yasuusiin dabarsanii isaatti kan kennan hinaaffaadhaan akka ture inni ni beeka. <sup>19</sup>Otoodhuma inni barcuma firdii irra taa'ee jiruuttis, haati manaa isaa ergaa, "Namicha qulqulluu sana homaa hin godhiin. Abjuu kootiin waa'ee isaa kanan argee ture irraa kan ka'e, har'a baay'ee dhiphachaan jira" jedhu itti ergite.<sup>20</sup>Dura buuttonni lubootaa fi manguddoonti garuu, akka isaan Baraabaas nuu hiikiitii Yasuus immoo balleessi jedhanii isa gaafatan namoota sana dura dabarsanii amansiisani jiru,<sup>21</sup>Bulchaan biyyaa sunis, "Isaan lamaan kana keessaa eenyuun akkan isiniif hiiku barbaaddu?" jedhee isaan gaafate. Isaanis, "Baraabaas" jedhani. <sup>22</sup>Philaaxoosis, "Yasuus, isa Kiristoos jedhamu immoo, maal godhu?" jedhee isaan gaafate. Isaanis, "Isa fannisi" jedhani.<sup>23</sup>Achiin boodas, innis, "Maaliif? Yakka attamii hojjetee jira?" jedhee isaan gaafate. Isaan garuu isa duraa irra caalchisanii, "Isa fannisi" jedhanii iyyani.<sup>24</sup>Philaaxoosis caalaatti jeequmsa kaasuu irraa kan hafe, homaa buusuu akka hin dandeenye waan hubateef, bishaan fudhatee fuul dura namoota sanaatti "Ani dhiiga nama kanaa irraa bilisa dha ( Ani dhiiga nama kanaa keessaa harka hin qabu). Isin garuu beekkadhaa" jedhee harka isaa dhiqatee,<sup>25</sup>Namoonni hundumtuu, "Dhiigni isaa nu fi ijoollee keenya irraatti haa ta'u" jedhani.<sup>26</sup>Sanaan boodas, Philaaxoos Baraabaas isaaniif hiike; Yasuusiin garuu, garafee akka fanniifamuuf dabarsee isa kenne.<sup>27</sup>Achiin boodas, loltoonni bulchaa biyyaa Yasuusiin gara mana mootummaa gidduu galeessaatti fudhatani; loltoota biyyaattii hundumas achittii walitti qabani.<sup>28</sup>Isaanis wayyaa isaa irraa baasanii, uffata diimaa itti uffisani. <sup>29</sup>Gonfoo qoraattii hojjetanii, mataa isaa irra kaa'ani; ulees harka mirgaa isaa keessas kaa'ani. Fuuldura isaattis jilbeeffatanii, "Nagaa keetii ree, yaa Mootii Yihudootaa" jedhanii itti qoosani.<sup>30</sup>Isattis tufanii; ulee sanas fuudhanii mataa isaa irra deddeebi'anii rurrukutani. <sup>31</sup>Erga itti qoosaa turanii boodas, uffata sana irraa baasanii wayyaa isaa deebisanii itti uffisani fannisuudhaaf isa fuudhanii deemani.<sup>32</sup>Akkuma gadi ba'aniinis, nama biyya Qareenaa, kan Simi'oон jedhamu tokko, argatanii akka inni fannoo Yasuus baatee isaan wajjin deemu isa dirqisiisani.<sup>33</sup>Isaan bakka Golgoottaa, (isa hiikni isaa "Bakka Lafaa Mataa" ta'e) jedhamutti dhufani.<sup>34</sup>Bakka sanattis, waynii, hadhooftuu wajjin walitti makame, akka inni dhuguuf isatti kennani. Innis erga qammasee booda, dhuguuf garuu ni jibbe.<sup>35</sup>Erga isa fannisanii boodas, uffata isas safaranii hirmaatan.<sup>36</sup>Taa'aniis isaa eegani. <sup>37</sup>Barreeffama inni ittiin yakkame kan ibsu, "Inni kuni Yasuus, Mootii Yihudootaa, dha" kan jedhu mataa isaa irra kaa'ani.<sup>38</sup>Samtonni lamas, inni tokko karaa mirga isaatti, inni kaan immoo karaa bitaa isaatti, isaa wajjin fannifamanii turani.<sup>39</sup>Warri achiin darbanis mataa isaanii itti raasanii isa arrabsaa turani.<sup>40</sup>Isaanis, "Ati inni mana sagadaa diigdee, guyyaa sadii keessatti ijaaruuf turte, mee of fayyisika! Ilma Waaqayyoo yoo taate, fannoo irraa mee gadi of buusika!" jedhanii arrabsu turani.<sup>41</sup>Haaluma wal fakkaatuun, dura buuttonni lubootaa, warra barreesitoota seeraa fi manguddootaa wajjin ta'anii isaatti qoosaa turani.<sup>42</sup>Isaanis, "Inni warra kaan fayyisaa ture, ofii isaa garuu fayyisuu hin dandeenye! Inni Mootii Israa'eli dha. Fannoo irraa yoo inni gadi bu'e, nuti immoo isatti ni amanna.<sup>43</sup>Isaan Waaqayyotti ni amana; Waaqayyo isatti gammada yoo ta'e, mee amma

du'a irraa isa haa oolchu (baasu) ka. Siluma iyyuu 'Ani Ilma Waaqayyooti' ofiin jechaa ture miti" jedhanii itti qoosaa turani.<sup>44</sup> Akkasumas, saamtonni isaa wajjin fannifamanis haaluma walfakkaatuun isa arrabsaa turani.<sup>45</sup> Sa'atii ja'aa jalqabee hanga sa'atii sagaliitti dukkanni biyyaa lafaa hundumaa irratti dhufe.<sup>46</sup> Gara sa'atii sagaliittis, Yasuus sagalee guddaadhaan, "Eelii, Eelii lamaa sabaktaanii?" jedhee waammate; kana jechuunis, "Waaqayyoo ko, Waaqayyoo ko maaliif gadi na gatte?" jedhamee hiikama.<sup>47</sup> Warra achi dhaabbachaa turan keessaa muraasni isaanii kana dhaga'anii, "Namni kun Eeliyaasiin waammataa jira" jedhani.<sup>48</sup> Battaluma sanattis, warra achi jiran keessa inni tokko fiigee ispoonjii fuudhee wayinii hadhaahaa keessatti erga cuuphee booda uleetti kaa'ee akka inni dhuguuf itti kenne.<sup>49</sup> Warri kaan garuu, "Dhiisiin! Eeliyaas dhufee akka isa fayyisu (oolchu) mee ni ilaalla" jedhani.<sup>50</sup> Achiin boodas, Yasuusis sagalee guddaadhaan iyyee afuura isaa kenne.<sup>51</sup> Kunoo, golgaan (maggaarrajaan) mana sagadaa, gubaattii hamma gajjallaatti, bakka lamatti tarsa'e; lafti ni socho'e; kattaawwanis dhodho'anii adda addaan ba'ani.<sup>52</sup> Boollonni awwaalchaas ni banamanii; reeffonni namoota qulqulluu isaan ciisaa turanis ni kaafamani.<sup>53</sup> Isaanis, eerga du'aa ka'uun Yasuus booddee, boolla awwaalchaa keessaa ba'anii, magaala qulqulluu keessa seenanii namoota hedduuttis mul'atani.<sup>54</sup> Dhibbaalaan lolaa fi warri isaa wajjin Yasuusiin egaa turan, kirkira lafaa fi waantota yeroo sana ta'ani hundumaa waan arganiif, baay'ee sodaatanii, "Kuni dhuguma iyyuu Ilma Waaqayyoo ture" jedhani.<sup>55</sup> Dubartoonni baay'een warri Galilaa irraa jalqabee isa duukaa bu'anii isaaf hojjetaa turanis, halaala irra dhaabatanii ilaala turani.<sup>56</sup> Isaan gidduudhaas, Maariyaam ishee Maagdaliin, Maariyaam ishee haadha Yaaqoobii fi Yooseef fi haati ilmaan Zabdewoos achi turani.<sup>57</sup> Yeroo galgalli ga'us, sooressi Armaatiyaa, kan Yooseef jedhamu tokko ni dhufe; inni isa barataa Yasuusis ture dha.<sup>58</sup> Innis Philaaxoositti siiqee, reefa Yasuus gaafate. Achiin boodas, Philaaxoosis akka isaaf kennamu ajaje.<sup>59</sup> Yooseefis reefa isaa fuudhee, wayyaa haarrii quncee talbaatiin (wayyaa laayineenii) kafane.<sup>60</sup> Reeffa sanas boolla awwaalchaa haaraa isa ofiisaatiif garaa dhagaa keessatti qopheesee ture keessatti awwaale. Sana boodas, dhagaa guddaas balbala awwaalichaatti erga hirkisee booda achi deeme.<sup>61</sup> Maariyaam isheen Maagdaliinii fi Maariyaam isheen biraas fuullee awwaalichaa taa'aa turani.<sup>62</sup> Guyyaan itti aanus, Guyyaan Qophaa'ummaa erga darbee isa boruusaa, dura buutonni lubootaa fi Faarisoonni Philaaxoos wajjin walitti qabamani.<sup>63</sup> Isaanis, "Gooftaa! Inni nama gowwoomsaan suni yeroo lubbuudhaan ture sana, 'Erga guyyaa sadii booda, ani deebi'ee nan kaafama' akka jechaa ture yaadanneerra.<sup>64</sup> Kanaafuu, awwaalichi hamma guyyaa sadaffaatti akka eegamu nuu ajaji; kuni ta'uun baannaan garuu, barattooni isaa dhufanii isa hatanii, namootaanis, 'Innii du'aa ka'eera' ni jedhu. Gowwoomsaan isaa inni dhumaa kuni immoo isa duraa irra hamaa ni ta'a" jedhanii Philaaxoositti himani.<sup>65</sup> Philaaxoosis, "Nama eegu fudhadhaa. Dhaqaatiis akka beektanitti eegsisa" isaaniin jedhe.<sup>66</sup> Isaanis bakka awwaalchaa sana deemanii dhagaa sana erga saamsanii booda nama eegus achi kaa'uudhaan awwaalicha eegsisi.

## Chapter 28

<sup>1</sup>Guyyaan Sanbataa erga darbee booda, gaafa barii jalqaba torbanii, Maariyaam isheen Maagdaliinii fi Maariyaam isheen biraas awwaalicha ilaaluuf achi dhaqani. <sup>2</sup>Kunoo, ergamaan Goofticha tokko waaqa keessaa gadi bu'ee dhufee dhagaa isa balbala awwaalichaa irraa jiru sana achi garagalche yeroo inni irra taa'etti, kirkirri lafaa guddaan ni uumame.<sup>3</sup>Bifti isaa akka bakakkaati; uffanni isaa akka cabbiitti addaata. <sup>4</sup>Waardiyyoonni (Eegdonni) bakka awwaalichaas garmalee waan sodaataniif, akka namoota du'anii ta'ani. <sup>5</sup>Ergamichis dubartoota sana waamee, "Hin sodaatinna; akka isin Yasuus isa fannifamee ture barbaadaa jirtan anuu beeka. <sup>6</sup>Inni as hin jiru; akkuma jedhee ture sanattis, inni kaafameera. Koottaatii iddooy inni itti awwaalamee ture iyuu ilaala. <sup>7</sup>Ammas dafaa deemaatii barattoota isaatti, 'Inni du'aa ka'eera. Kunoo, inni isin dura Galiilaa ni dhaqa. Achittis isa ni argitu' jedhaatii himaa. Kunoo, ani isinitti himeera" jedhe. <sup>8</sup>Dubartoonni sunis sodaa fi gammachuu guddaadhaan awwaalicha keessaa dafanii ba'anii, barattoota isaatti himuudhaaf fiigani. <sup>9</sup>Kunoo, Yasuus isaanitti dhufee, "Nagaa jirtuu!" jedhee nagaa isaan gaafate. Isaanis, gara isaa dhaqanii miilla isaa qabatanii isaa sagadani. <sup>10</sup>Achiin boodas, Yasuus, "Hin sodaatinna. Deemaatii gara Galiilaatti akka dhufan obboloota kootti himaa. Isaanis achitti na argu" isaanin jedhe. <sup>11</sup>Dubartoonni suni otoodhuma gara jedhametti deemaa jiranii, kunoo, warra awwaalicha egaa turan keessaa muraasni isaanii duruu gara magaalitii dhaqanii, waantota ta'anii turan hundumaa dura buutota lubootaaatti himanii ture. <sup>12</sup>Luboonni sunis manguddoota wajjin wal arganii erga mari'atanii booda, maallaqa hedduu warra loltoota sanaaf kennani. <sup>13</sup>Achumaanis, "Waa'ee isaa immoo, 'Barattooni isaa, yeroo nuti rafnee jirutti, dhufanii reeffa isaa hatani' jedhaatii warra kaanitti himaa. <sup>14</sup>Dubbiin kuni bulchaa biyyaa bira yoo ga'es, akka rakkinni tokko iyuu isin irra hin geenygoonee, nutuu isa ni amansiifna" jedhanii isaanitti himani. <sup>15</sup>Loltoonni sunis, maallaqicha fudhatanii, akkuma isaanitti himame turettiis godhani. Dubbiin kunis warra Yihudoota gidduutti bal'inaan tamsaasamee odeeffame; hanga har'aatti illee, ittuma fufee jira. <sup>16</sup>Barattooni kudha tokko suni garuu, haaluma Yasuus isaanitti ergeen gara Galiilaa iddooy tulluu sanaa deemanii. <sup>17</sup>Yeroo isa arganis, isaa sagadani; muraasni isaanii garuu ni shakkani. <sup>18</sup>Yasuus gara isaanitti dhufee isaanitti dubbate; innis, "Aangoon hundumtuu waaqa fi lafa irratti anaaf kennameera. <sup>19</sup>Kanaafuu, deemaatii uummatoota biyya lafaa hunda barattoota koo godhaa. Maqaa Abbaa, Ilmaa fi Afuura Qulqullutiiniis isaan cuuphaa. <sup>20</sup>Waantota ani isin ajajee (abboomee) ture hundumaafis akka abboomaman isaan barsisaa. Hubadhaa! Ani yeroo hundumaa isin wajjin nan jira, hanga dhumaatii bara kanaatti illee" isaanin jedhe.

## Mark

## Chapter 1

<sup>1</sup>Kun Jalqaba wangeela Yesuus Kiristoos, ilma Waaqayyooti. <sup>2</sup>akkuma Isaayaas raajicha keessatti barreeffame. "Ilaala, ani ergamaa koo fuula keessan dura ergaan jira, isa daandii kee qopheessu. <sup>3</sup>Sagaleen nama tokkoo lafa onaa keesssaan ni iyya, 'goothichaaf daandii tolchaa; daandicha qajeelchaa.' <sup>4</sup>Yoohaannis ni dhufe, lafa onaa keessatti cuuphaa fi cuuphaa qalbii jijiirranna labsaa isa kan dhiifama cubbuu. <sup>5</sup>Gutuummaan biyya Yihudaa fi Yerusaalen gara isaa dhaqani. Isaanis, galaana Yordaanos keessatti isaan cuuphamani, cubbuu isaanittii qalbii jijiirrachaa. <sup>6</sup>Yoohaannis gogaa gaanaa uffatee, mudhoo isaaas saqii gogaan hidhate, hawaannisa fi damma daammuus nyaate. <sup>7</sup>Innis "Namni tokko ana booda ni dhufa, innis ana caalaa humna qaba; anis gadi jedhee illee hidhaa qophee isaatii hiikuun anaaf hin malu, <sup>8</sup>Ani bisaaniin isin nan cuupha, inni garuu hafuura qulqulluun isun cuupha." <sup>9</sup>Kunis, guyya itti Yesuus Naazireet ishee Galiilaa keessaa dhufe ta'e; inni galaana Yoordaanos keessatti Yohaannisiin cuuphame. <sup>10</sup>Akkuma Yesuus bisaanicha keessaa ba'een, utuu waaqni gargar saaqamu argee, utuu hafuurri bifugeetiisa irratti gadi bu'uu. <sup>11</sup>Sagaleenis waaqa irraa dhufe, "Ati ilma koo isa jaallatamaadha. Ani baay'een sitti gammada." <sup>12</sup>Hafuurris akka inni gara lafa onaa dhaqu isa dirqisiise. <sup>13</sup>Innis guyyaa afurtama lafa onaa keessa ture; Seexanaanis qoramutti ka'e. Inni bineesnota bosonaa wajjin ture, ergamoornis isa tajaajilaniiru. <sup>14</sup>Amma erga Yohaannis qabamee, Yesuus wangeela Waaqayyoo lallabaa gara Galiilaa dhufe. <sup>15</sup>Innis, "Yerichi ga'eera, mootummaan Waaqayyoos dhiyaateera. Qalbii jijiirradhaatii wangeelattis amanaa." <sup>16</sup>Inni utuu galaana Galiilaa cina adeemaa jiruu, Simumiin fi obbolessa isaa Indiriyaasiin utuu kiyyoo darbatanii arge, isaanis qurxummii qabdoota turan. <sup>17</sup>Yesuus, "Kottaatii ana duukaa bu'aa, anis kan namoota qabdan isin nan godhaa." isaanin jedhe. <sup>18</sup>Isaanis battaluma kiyyoo isaanii dhiisanii isa duukaa bu'an. <sup>19</sup>

Yesuus utuu xiqqoo irra siqee adeemuu, Yaaqob ilma Zebdiyoosii fi obboleessa isaa Yohaannisiin arge. Isaani doonii keessaa kiyyoo isaanii suphaa turan.<sup>20</sup> Innis isaan waame, isaanis abbaa isaanii Zebdewoosiin hujjetaa isaa qacaree wajjin doonii keessatti dhiisanii isa duukaa bu'an.<sup>21</sup> Isa booda isaan gara Qifirnaahoma dhufan; guyyaa sanbataa irra, Yesuusis gara mana sagadaatti ol seenee barsiise.<sup>22</sup> Isaanis barsiisa isaa ni dinqifatan, waan inni akka warra barreessitotaatti utuu hin ta'in, akka nama aboo qabuutti barsiiseef.<sup>23</sup> Yeroo sana mana sagadaa isaanii keessatti namni hafuura hamaan keessa ture tokko ni iyye.<sup>24</sup> "Yaa Yesuus isa Naazireet, nuti sii wajjin maal walittii qabna; ati nu balleessuu dhuftee? Ani eenyuun akka ati taate beeka. Ati isa qulqulluu kan Waaqayyooti"<sup>25</sup> Yesuusis seexanicha ifatee, "cal jedhii isa keessaa ba'il!" jedhe.<sup>26</sup> Hafuurri xuraa'aan sunis isa kuffisee sagalee guddaadhaan iyyee isa keessaa ba'e.<sup>27</sup> sabni hundumtuus ni aja'ibsiifatan, barsiifni haaraan aboo wajjinii "kun maali?" jedhaniis wal-gaafatan. Inni hafuurota hamaa illee ni abbooma, isaanis ni abboomamuuf!" jedhan.<sup>28</sup> Oduun waa'ee isaatiis guutummaa kutaa Galiilaa keessa wal ga'e.<sup>29</sup> Erga mana sagadaa keessaa ba'anii, gara mana Simoonii fi Indiriyaas dhufan; Yaaqobii fi Yohaannisi wajjin.<sup>30</sup> Amaatiin Simoonii dhukkuba qaama gubaan dhukkubsattee ciisaa turte, isaanis waa'ee ishee Yesuusuttu himan.<sup>31</sup> Innis dhufee, harka ishee qabee, ol ishee kaase, ho'i qaamaa ishees ni dhiise, isheenis isa tajaajiluu eegalte.<sup>32</sup> Galgala sana erga aduu seentee, namoota dhukkubsatan hundumaa fi warra hafuurri hamaan keessa jiru gara isaa fidan.<sup>33</sup> warri magaalattiis balbala duratti walitti qabaman.<sup>34</sup> Namoota namoota baay'ee dhukkuba addaa addaa qaban fayyise, seexanoota hamoota baay'ees baase; garuu akka hafuronni hamoonni sun dubbatan hin barbaanne waan isa beekaniif.<sup>35</sup> Inni ganama barii dukkanaa'e utuu jiruu ka'ee, gara bakka qoofni dhaqee, achittis kadhate.<sup>36</sup> Simoonii fi warr isaa wajjin turan isa barbaadani.<sup>37</sup> Isa arganiis "Namni hundumtuu si barbaadaa jira" jedhan.<sup>38</sup> Inni immoo, "bakka tokko gara mandaroota naanooo jiranii haa adeemnu, achittis akkan lallabuuf, anis kanumaafin dhufe." Jedhe.<sup>39</sup> Inni lallabaa, seexanootas baasaa Galiilaa hundumaa keessa darbe.<sup>40</sup> Laxaa'aan gara isaa dhufe. Isas kadhate, inni jilbeefatee "yoo fedha kee ta'e ana qulleessuu dandeessa" jedhe.<sup>41</sup> Gara laafinaan itti dhiyaatee, Yesuus harka isaa qabaae, itti bu'e, "ani fedheera, qulla'i" ittii jedhe.<sup>42</sup> Battaluma lamxiin isaa bade, innis ni qulleeffame.<sup>43</sup> Yesuus cimsee isa akeekkachiisee gad isa dhiise.<sup>44</sup> "Nama tokkotti homaa tokko hin himin, garuu dhaqiitii, lubatti of argisiisi, waan qulloofteef immoo waan Museen abboome dhiyeessi, dhuga ba'uma isaaniif akka ta'utti" ittiin jedhe.<sup>45</sup> Inni garuu adeemee walabumaan labsee sagalicha tamsaase, Kana booddee, Yesuus mulinaan gara magaalatti hin seenne, garuu, irraa fagaatee taa'e. amma iyyuu namoonni bakka addaa addaatii gara isaa dhufaa turan.

## Chapter 2

<sup>1</sup> Yersoo Yesuus guyyoota murasa boosa deebi'ee gara Qifirnaahom dhufe, akka inni mana jiru dhagaa'ame.

<sup>2</sup>Namoonni baay'eenis hanga bakki dhibutti achitti walitti qabaman, balbala duratti illee, innis sagalicha isaanitti dubbate.<sup>3</sup>Namoonni tokkos nama qaamni isaa lawaasa'a tokko gara isaatti fidani, namoota afur ta'anii baatanii.

<sup>4</sup>Isaan baay'ina namootaaf yeroo isa bira ga'uu dadhaban, guutuu guutuu manaa isa Yesuus gubbaa ture bananii, afata isa isa namichi lawaasa'aan sun irra ciisaa ture gara Yesuusitti gadi buusani.<sup>5</sup>Yesuus amantii isaanii ilaalee, namocha lawwaasa'aa sanaan "Yaa ilmaa, cubbuu kee siif dhiifameera." <sup>6</sup>Amma warri barreessitootaa achi ta'aa turan, garaa isaaniittis yaadani, <sup>7</sup>"Namni kun akkamitti akkasitti dubbachuu danda'a? Inni Waaqayyoon arrabsa! Waaqayyoo malee eenyuutu cubbuu dhiisuu danda'a?"<sup>8</sup>Battaluma, waan isaan walii isaanii wajjin yaadan hafuura isaatiin hubate. "Garaa keessanitti maal yaadaa jirtu?" ittiin jedhe. <sup>9</sup>Isa kamtu salphaadha, nama isa lawwaasa'aa "cubbuun kee siif dhiifameera" jechuumoo, "ka'ii dhaabadhu, afata kees fudhadhuu adeemi" jedhuudha!<sup>10</sup> Garuu, akkuma beetu, ilmi namaa biyya lafaa irratti cubbuu dhiisuudhaaf aboo qaba" jedhe isa qaama miidhamaa sanaan. <sup>11</sup>"ani sittin hima, ka'I, afata kee fudhadhu, gara mana kees dhaqi." <sup>12</sup>Inni battaluma ka'ee afata isaa fudhatee, utuu hundumtuu ilaalalanii gara mana isaa dhaqe; isaan hundumatuus ajaa'isiifatani Waaqayyoofis ulfina kennani, "Kan akkasii arginee hin beeknu" jedhani.<sup>13</sup>Inni ammas gara ciisa bishaanii dhaqe, namoonni heduunis gara isaa dhufan, innis isaan barsiise. <sup>14</sup>Yeroo inni bira darbe, godoo warra qaraxa fuudhanii jalattii Leewwii ilma Alfewos argee "Ana duukaa bu'i" ittiin jedhe, innis ka'ee isa duukaa bu'e.<sup>15</sup>Yesuus mana Leewwiitti nyaata nyaachaa ture, namoonni qaraxa funaanan baay'een, akkasuma warri cubbamoonni isaa wajjin nyaachaa turan, bartoonni isas. Isaan baay'ee waan ta'aniif isa duukaa bu'a.<sup>16</sup>Yeroo warri barreessitootaa, warri Fariisota ta'an, akka inni warra cubbamootaa fi warra qaraxa fuudhanii wajjin utuu inni nyaatuu argan bartootaan "Inni maaliif warra qaraxa fuudhanii fi warra cubbamootaa wajjin nyaata?" jedhan.<sup>17</sup> Yesuus yeroo kana dhaga'e, "Namoonni warri qaamni isaanii jabaan, ogeessa fayyaa hin barbaadani, warra dhukkubsatan qofaa malee. Ani namoota warra qajeelota waamuudhaaf hin dhufne, warra cubbamoota malee" isaanii jedhe.<sup>18</sup> Amma bartoonni Yohaannisii fi fariisonni soomaa turani. Namoonni tokko dhufanii "Bartoonni Yohaannisii fi duuka buutoonni fariisotaa maaliif soomi, bartoonni kee garuu hin soomani?" ittiin jedhan.

<sup>19</sup>Yesuusis, "utuu misirroon isaanii wajjin jiruu, namoonni cidhatti hirmaatan ni soomuu? ittiin jedhe. Hanga misirroon isaan bira jirutti, isaan hin soomani.<sup>20</sup>Garuu guyyaan itti misirroon isaan bira itti adeemu jira, guyyaa sana isaan ni soomu. <sup>21</sup>Namni erbee moofaa uffata haaraa irratti hodhu hin jiru. Yoo kanaa achii erbicha moofaa sana ni tarsaasa, isa moofaa isa haaraa irraa, tarsaasun isas Isa duraa irra kan caalu ta'a.<sup>22</sup>Namni kam iyyuu wayinii isa haaraa qodaa wayinii isa dullomaa keessa hin kaa'u. akka goonaan wayinichi qodicha ni dhoosa, wayinichaa fi qodaan sunis ni badu. Qooda kanaa, wayiniin haaraan qodaa wayinii isa haa kaassa ni ka'ama."<sup>23</sup> Guyyaa sanbataa tokko Yesuus oyiruu midhaanii keessa darbaa ture, bartoonni isas mataa midhaanichaa kutatanii fudhatan. <sup>24</sup>Fsriisonnis, "Ilaali, isaan maaliif waan guyyaa sanbataa seera hin taane hojjetu?" jedhan.<sup>25</sup> Innis, "Waan Daawwit yeroo beela'ee nyaachuaa barbaade godhe dubbiftaniittuu, isaa fi namoonni isaa wajjin turan"<sup>26</sup> akka inni gara mana Waaqayyootti ol seen yeroo Abitaat luba ol aanaa ture, daaboo aarsaas nyaate, isa luba malee namni nyaachuu hin dandeenye. Keessa iyyuu namoota warra isaa wajjin turaniid kenneera." Jedhe.<sup>27</sup> Yesuus, "Sanbatni namaaf hojjetame malee, manatu sanbataaf hojjetame miti." <sup>28</sup>Kanaaf, Ilmani namaa sanbata irratti illee gooftaadha." Jedhe.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Yesuuus ammas gara mana sagadaa dhaqe, namni harki isaa naafaa tokkos isaa wajjin ture. <sup>2</sup>Namoonni yoo inni guyyaa sanbataatti isa fayyisa ta'e isa himachuudhaaf jedhanii isa ilaalani.<sup>3</sup>Yesuuus namicha harka naafaa sanaan, "ka'iitii namoota kana gidduu dhaabadhu," ittiin jedhe. <sup>4</sup>Isa booda inni namootaan, "Guyyaa sanbataatti waan gaarii gochuumoo, waan miidhaa qabu gochuutu seera, lubbuu fayyuuf yookaan ajjeesuuf?" isaan garuu ni callisani.<sup>5</sup>Innis aariidhaan gara isaanii ilaale, inni gara jabina isaanii aaree, "harka kee diriirsi." ittiin jedhe. Inni ni diriirse, harki isaaas ni fayye. <sup>6</sup>Warri fariisotaad gadi ba'anii battaluma, warra garee Heroodisii wajjin karaa ittiin isa ajjeesuu danda'aan mala maluu eegalan.<sup>7</sup>Yeruusis, bartoota isaa wajjin, gara galaanaa dhaqee, namoonni hedduunis Galiilaa fi Yihuudaatii isa duukaa bu'an. <sup>8</sup>Yerusaalemii fi Edoomiyaasii, akkasuma Yoordaanosii fi naannoo Xiiroosii fi Sidoonaatii. Isaan yeroo waa'ee hojii inni hojjechaa turee dhagaa'an, sabni guddaan gara isaa dhufan.<sup>9</sup>Inni akka bartoon isaa sababii baay'ina namaa irraa kan ka'e doonni xiqqoo isaaaf qopheessaniif itti hime. Akka isaan isa hin dhiphisnetti. <sup>10</sup>Waan inni namoota baay'ee fayyiseef, namoonni rakkina qaban hawwiidhaan isa tuquudhaaf itti siqan.<sup>11</sup> Hafurri hamaan yeroo isa arge, isa datatti lafatti kufanii iyyan, isaanis, "Ati ilma Waaqayyooti." jedhan. <sup>12</sup>Inni akka isaan waa'ee isaa hin dubanne jabeessee isaan dhuwwe.<sup>13</sup> Inni gara gaaraatti ol ba'e, warra barbaadus waame, isaanis gara isaa dhufan. <sup>14</sup>Inni warra kudha lamaanii muude (warra duuka buutota jedhaa waame) akka isaan isaa wajjin ta'anii fi adeemaniis ergicha labsaniif.<sup>15</sup>akkasuma akka isaan seexana baasuudaafis aboo qabaataniif. <sup>16</sup>Inni warra kudha lamaa muude, Simoon, isa inni maqaa Pheexiroos jedhu kenneef,<sup>17</sup> Yaaqob ilma Zabdiyoos fi Yohaannis obboleessa Yaaqob, inni ilmaan qaqqawweessaa,<sup>18</sup>Indiriyaas, Filiphos, Batelemewos Maatewos, Toomaas, Yaaqob ilma Alfewos, taadewos, Simoon isa hinafticha fi<sup>19</sup>Yihudaa isa Asqoroticha, isa isa gane,<sup>20</sup>Isa booda inni gara manaa dhaqe, namoonni baay'een ammas isaa wajjin dhuufan, kanaaf isaan nyaata illee nyaachuu hin dandeenyne.<sup>21</sup>Yeroo maatiin isaa kana dhaga'aan, isa dhaabsisuu dhaqana, isaanis, "Inni sammuu isaan ala ta'eera" jedhan.<sup>22</sup>Warri barreessitootaa Yerusaalemii dhufan, "Inni Bi'eelxebuliin qaba" akkasuma, "ajaja seexanaan seexanootas baasa" jedhan.<sup>23<sup>25</sup>23</sup> Yesuuus isaanii gara ofii isattii waamee fakkeenyaa "seexanni akkamitti seexana baasa? 24<sup>24</sup>manii yoo walii gar gar cabe, dhaabachuu hin danda'u.<sup>26</sup> seexannis yoo ka'ee walii isaa irratti ka'ee gar-gar cabe, innis dhaabachuu hin danda'u, garuu ni bada.<sup>27</sup>Garuu, utuu nama isa jabaa sana dura jebeessee hin hidhun, namni nama jabaatti seenee qabeenya isaa hatu hin jiru.<sup>28</sup> Ani dhuguman isinitti hima, cubbuun ilma namaa kam iyyuu ni dhiifama, inni isaa Waaqayyoo arrabsan illee,<sup>29</sup>Garuu namni Hafuura qulqulluu arrabsu tasuma dhiifama hin argatu, gaabbii cubbuu bara baraa malee." Jedhe.<sup>30</sup>Yesuuus waan isaan "Inni hafuura xuraa'aa jedhaniif" jedhaniif kana jedhe.<sup>31</sup> Isa booda haati isaa fi obbolaan isaa dhufanii bakkee dhaabatan. Isa waamsisuuf itti ergan.<sup>32</sup>Namoo baay'ee isa duratti walitti qabamanii, "Haati kee fi obbolaan fi obboleettonni kee ala jiru, isaan si barbaadu." Ittiin jedhan.<sup>33</sup> Innis "Haati koo fi obboleen koo eenuy?" jedhe.<sup>34</sup>Inni gara warra isatti naanna'anii ta'anii ilaalee, "Ilaalaa, haati koo fi obboleen koo kunooti! Jedhe.<sup>35</sup>Namni fedha Waaqayyoo raawwatu, obboleessi, obboleettii fi haati koo isaanii" jedhe.

## Chapter 4

<sup>1</sup> Ammas galaana qarqaratti barsiisuu itti fufe, namoonni baay'eenis isa biratti walitti qabamani. Inni gara doonii isa galaana keessa jiruu dhaqe, isa keessas taa'e. guutummaan namoota baay'ee sun galaana qarqara galaanaa turan. <sup>2</sup>Inni waantota baay'ee fakkeenyaaan barsiise, barsiisa isaa keessattis, kana dubbate.<sup>3</sup>"Dhaggeeffadhaa! Qotee bulaan sanyii facaasuu ba'e. <sup>4</sup>akkuma inni facaaseen, keessaa, kan daandii cina bu'e, simbirroonis dhuftee funaannat. <sup>5</sup>Sanyiin kaan dhagaa keessa bu'e, bakka itt biyyoon ga'aan hin arganne. <sup>6</sup>Yeroo aduun baate garuu, biqiltuun sun ni goge, hidda waan waan hin qabneef, hin goge. <sup>7</sup>Sanyiin kaan immoo qoraattii gidduu bu'e. qoraattiinis guddatee isa hudhe, kanaaf ija hin godhanne. <sup>8</sup>Sanyiin inni kaan immoo biyyoo isa gaarii irra bu'eef biqilee guddate, ijas ni godhate, tokko soddoma, tokko ja'aatamaa fi kaan immoo dhibba godhate." <sup>9</sup>Kanaaf inni "Dhaga'uuf gurra kan qabum haa dhaga'u!" jedhe.<sup>10</sup> Yeroo Yesuus qofaa ture, warri warra kudha lamaa wajjin isa bira turan waa'ee fakkeenyihcaa isa gaafatan. <sup>11</sup>Innis, "Isiniif dhoksaan mootummaa Waaqayyoo isiniif kennameera. Garuu, warra bakkee jiran hundumaatti garuu waan hundumtuu fakkeenyaaan dubbatama, <sup>12</sup>kanaaf yeroo, ilaalan, eyyee ni ilaalu, garuu hin argani, akkasuma yeroo dhagaa'an, eyyee ni dhaga'u, garuu hin hubatani; yookaan deebi'anii, Waaqayyos isaaniif dhiisi."<sup>13</sup> Innis, "fakkeenya kana hin hubattanii? Ittiin jedhe. Akkamitti fakeenyota hundumaa hubachuu dandeessuree?" <sup>14</sup>Inni facaasu sagalicha ni facaasa. <sup>15</sup>Isaan kun warra daandii cinaati, bakka sanyihci bu'e. Isaan yeroo dhagaa'an, seexanni battaluma dhufee, sanyii isa isaan keessatti faca'e keessaa funaannat. <sup>16</sup>Isaan kun immoo, sanyii warra dhagaa irra bu'eedha. Warra yeroo sagalicha dhagaa'an, gammachuudhaan dhagaa'an. <sup>17</sup>Garuu, ofiif hidda gadi fagoo hin qabani, yeroo muraasaaf immoo ni jiraatu. Itti fufee, yeroo rakkinni yookaan ari'atamni dhufu sababii sagalichaaf, isaanbattaluma ni kufu.<sup>18</sup> Amma iyuu warri kaan warra qoraatti gidduutti facaafamaniidha. Isaan warra sagalicha dhagaa'aniidha. <sup>19</sup>Garuu, yaadni biyya lafaa, gowoomsaan qabeenyaa fi fedhiin waanota kan biraah dhufee sagalicha ni hudha, inni bu'aa maleessa ta'a. <sup>20</sup>Warri lafa isa gaarii irra facaaman immoo, warra sagalicha dhagaa'anii, fudhatanii ijas godhataniidha, soddoma, jaa'atamaa fi dachaa dhibba akkasuma.<sup>21</sup> Yesuus, "Ibsaa mana keessa jiru guuboo jala, yookaa siree jala kaa'uuf ni fidduu? Fiddanii baattuu ibsaa irra ni keessu. <sup>22</sup>Waan dhokfame waan hin mullaneef, waan banaa ta'ee hin dhinaanne dhoksaan miti. <sup>23</sup>Namni dhaga'uuf gurra qabu, haa dhaga'u!"<sup>24</sup>Inni, "Waan dhageessanitti xiyyeeffanaa kennaa, safartuun ati gargaaramtu siifis waan itti safaramuuf, kan caaluns itti siif dabalam. <sup>25</sup>Sababiin isaa kan qabuuf itti dabalam, isa hin qabne jalaa immoo kan inni kabu iyuu duraa dudhama.<sup>26</sup> Inni "Mootummaa Waaqayyoo akka nama lafa irratti sanyii facaasuuti" jedhe. <sup>27</sup>Inni halkaniin rafee, guyyaa immoo ka'a, sanyichis biqilee ni guddata, yoodhuma inni akkamitti akka ta'e hin beeku ta'e. <sup>28</sup>Lafti ofidhuma isheen midhaan ni biqilichiti. Jalqaba haadduu, itti fufee gurra, isa booda gurraa isaa keessatti midhaan bilchaataa. <sup>29</sup>Midhaannichi yeroo ga'u, yeroon sassaabuu waan ga'eef, battaluma haamtuu ni erga."<sup>30</sup> Inni ammas, "Mootummaa waaqayyoo maalitti fakkeessinaree, ibsuudhaafis fakkeenya akkamii gargaaramna? Jedhe. <sup>31</sup>Inni akka ija sanaaficaati. Isa yeroo faca'u, sanyii lafa irra jiran caalaa xiqqoodha. <sup>32</sup>Eyyee, yeroo facaafamu, guddatee midhaan oyiruu mukeetii keessa jiran ni caala, dame gurguddaas ni baafata, akka simbirroonni waaqaas man'ee isaanii irratti ijaarratanitti" jedhe.<sup>33</sup> Inni fakkeenyota akkasii baay'eetiin sagalicha isaanitti dubbate. Hanga isaan hubachuu dandaa'an. <sup>34</sup>inni fakkeenyaaan malee isaanitti hin dubbanne. Garuu yeroo qofaa ture, waan hundumaa bartoota isaatiif ni ibse.<sup>35</sup> Guyyaa sana, yeroo bari'e, "gara gamaatti haa ceenu." jedhe. <sup>36</sup>Kanaaf namoota baay'ee sana dhiisanii, Yesuusiin of biratti fuudhanii, akkuma inni doonii keessa jirutti. Doonniwwan kan biraan isaanii wajjin turaniiru. <sup>37</sup>Isa booda bubbene jabaan ni ka'e, dha'aan isaan hanga dooniin sun bishaaniin guutetti itti gale.<sup>38</sup> Yesuus isoonicha keessa ture, boraattii irra rafee. Isaanis ka'anii, "barsiisa, du'uun keenya sin dhibuu?" ittiin jedhan. <sup>39</sup>Innis ka'ee, bubbicha ifate, galaanichaanis, "Nagaa, haa ta'u!" isa booda bubbichi ni dhaabate, isa booda tasgabbiin guddaan ni ta'e.<sup>40</sup> Innis, "Maaliif sodaattu? Amma iyuu amantii hin qabdani?" <sup>41</sup>Isaanis sodaan guuttaan guutamanii, "Inni kun eenyuudha, bubbii fi galaannis kan isaas abboomamu?" waliin jedhan.

## Chapter 5

<sup>1</sup> Isaan gamatti ni ce'ani, gara kutaa Genesaarexitto. <sup>2</sup>Yeroo Yesuuus doonii keessaa bu'e, namni hafuurri hamaan keessa jiru tokko awwaalcha keessaa itti ba'e.<sup>3</sup> Namicha awwaalcha keessa jiraata. Namni isa dhaabuu danda'u hin jiru, fuuncaadhaan illee. <sup>4</sup>Inni yeroo baay'ee isa ittiin harka hidhanii fi fuuncaadhaan hidhameera. Fuunichas kukkanutee, isa ittiin harka isaa hidhanis ni caccabsa ture. Namni isa dhaabuu humna qabu hin turre.<sup>5</sup> Guyyaa fi halkna awwaalcha keessatti, tulluuwan keessattis, dhagaa qara qabu baatee ittiinis ofii isaa kuta. <sup>6</sup>Inni yeroo fageenya irratti Yesuusiin arge, gara isaatti fiigee fuula isaa duratti gadi gombifame.<sup>7</sup>Sagalee guddaadhaanis iyyee, "Sii wajjin maalin walittii qaba, ilma Waaqayyoo isa guddaa? Ani Waaqayyoodhuma mataa isatiin sin kadhana, ana hin dhiphin." Jedhe. <sup>8</sup>Innis akkas ittiin jedhe, "hafuura hamaanana, namicha keessaa ba'i" jedhe.<sup>9</sup> "Maqaan kee eenyuudha?" jedhee gaafate.Innis, "Maqaan koo Leegiyoon, nuti baay'eedhas." jedhe. <sup>10</sup>Inni akka inni kutaa sana keessaa isa hin ariineef irra deddeebi'ee kadhate.<sup>11</sup>Baay'een baay'een bakka sana, tulluu irra dheedaa turan. <sup>12</sup>Isaanis "Gara booyyeewwaniitti nu ergi, isaanitti gallaa" jedhanii isa kadhathan. <sup>13</sup>Inni hin eyyameef, hafuurroonni hamoon sunis keessaa ba'anii booyyeewwanitti galan. Booyyeewwan sunis gaara irraa gara galaanaatti gadi fiigan; gara booyyeewwan kuma lamaatus galaanatti seene.<sup>14</sup> Isa booda warri booyyeewwan sana tiksaa turan fiiganii dhaqanii magaalotaa fi baadiyaatti himan, kanaaf namoonnis waanta ta'e ilaaluudhaaf ba'an. <sup>15</sup>Isa booda gara Yesuuus dhufanii nama hafuurri hamaan Leegiyoon keessa ture achi taa'ee argan. Uffataa sammuutti deebi'ee, isaanis ni sodaatan.<sup>16</sup>Warra waan nama hafuurri keessa ture kana irratti waan ta'e argan, gadi fageessanii isaanitti himan, waa'ee booyyeewwaniis itti himan. <sup>17</sup>Isa booda akka inni naannoo isaaniitii adeemuuf kadhachuutti ka'an.<sup>18</sup> Yeroo inni doonii seenaa ture, namichi hafuurri hamaan keessa ture akka inni isaa wajjin turuuf isa kadhate. <sup>19</sup>Yesuuus garuu tole hin jenne, garuu, "gara mana keessa fi gara namootaa dhaqiitii waan gooftichi siif godhe itti himi, akkamittis akka araara sitti argisiise."<sup>20</sup>Inni dhaqee Dikaapolisiti waan gudda Yesuuus isaad godhe labsuutti ka'e, namni hundumtuus ni ajaa'ibsiiate.<sup>21</sup> Yesuuus amma yeroo galaana ce'e, namoonni baay'een naannoo isaatti walitti qabaman, inni galaana qarqara ture. <sup>22</sup>Yeroo sana geggeessitoota mana sagadaa keessaa namni maqaan isaa Yaa'iroos jedhamu tokko dhufe, innis yeroo isa arge, miilla isaa jalatti kufe,<sup>23</sup>Irra deddeebi'ee "mucaa durbaa koo isheen xiloon du'uuf jetti, sin kadhadha akka ati dhuftee harka kee irra keessuuus akka isheen fooyyotee fayyitutti" jedhee kadhate. <sup>24</sup>Innis isaa wajjin dhaqe, namoonni baay'eenis isaa hordofani, nanno isattis wal dhiiban.<sup>25</sup> Dubatiin dhiigni ishee waggoota kudha lamaaf dhanga'e tokkos achi turtre. <sup>26</sup>Ogeessota yaffaa biratti baay'ee dhiphatee, waan qabdu maras fixxe, garuu qooda itti fooy'u itti hammaate. <sup>27</sup>Isheen yeroo waa'ee Yesuuus dhageesse, isa cina dhuftee qarqara uffata isaatii tuqxe.<sup>28</sup> Isheen, "yoon uffatuma isaa tuqe, nan fayya." Jette. <sup>29</sup>Isheen yeroo isa tuqxe, dhiigni ishee ni dhaabate, isheen qaama ishee keessatti akka dhiphina ishee irraa fayyiye itti dhagaa'ame.<sup>30</sup>Yesuuus battaluma akka humni isa keessa ba'e itti dhagaa'ame. Inni gara sabichaatti gara galee, "eenyuutu ana tuqe?" jedhe.<sup>31</sup>Bartooniisaas, "namoota hedduu naannoo kee jiran ni argita, ati immoo eenyutu ana tuqe jettaa?" jedhan.<sup>32</sup>Yesuuus garuu eenu akka isa tuqe baruuf naannoo isaa ilaale.<sup>33</sup>Dubartittiin, waan isheef ta'e beektee, sodaattee dhiphatte. Dhuftees isa duratti kufte, dhgaa hundumaas itti himte.<sup>34</sup>Innis, "amantiin kee si fayyiseera ittiin jedhe, nagaan dhaqitii dhiph keettiis fayyi." Ittiin jedhe.<sup>35</sup> Utuu inni dubbachaa jiruu, geggeessitoota mana sagadaa keessaa jarri tokko dhufanii, "intalli kee duuteetti. Maaliif barsiisa rakkifta?" jedhan.<sup>36</sup> Garuu Yesuuus yeroo dubbii dubbatame dhaga'e, geggeessitoota mana sagandaan, "hin sodaatinaa, amanaa malee" jedhe.<sup>37</sup>Pheexiroos, Yaaqobii fi Yohaannis obboleessa Yaaqob malee akka namni kan biraanisa duukaa hin adeeme godhe.<sup>38</sup>Isaanis gara mana geggeessaa mana sagadaa dhufanii, utuu namoonni iyyanii argan, isaanii boo'aa, sagalee isaanii ol kaasanii iyyas turan.<sup>39</sup> Inni manatti ol seenee, "Maaloof aartanii boossu? Mucichi ni rafe malee hin duune." Jedhe.<sup>40</sup>Isaanis isatti qosootti ka'an. Inni garuu, isaaniin dhiisee, abbaa mucaa, haadha fi warra isa bira turan fuudhee bakka mucaattiin jirtu seene.<sup>41</sup>Innis harka mucattii fuudhee, "xaalitaa quumii!" jedhe, hiikaan isaas, "mucaa durbaa xiloonana, ani siinan jedhaa, ka'i" jechuudha.<sup>42</sup>Mucattiiis battaluma kaatee dhaabatte (isheen mucaa wagga kudha lamaa turtre). Isaanis battaluma dinqii humnaan olii kana dinqifatan.<sup>43</sup>Inni akka eenu illee waa'ee kanaa hin dhageenyeef cimsee isaan abboome. Isa booda akka isaan waan ishee nyaattu isheef kannaniif ishee abboome.

## Chapter 6

<sup>1</sup> Inni bakka sanaa adeemee, gara dhaloota isaa dhufe, duuka buutonni isaas isa hordofani. <sup>2</sup>Yeroo guyyaa torbaffaan ga'e, inni mana sagadaa keessatti barsiise. Namoonni baay'een isa dhagaa'anii dingifatan. Isaanis, "Inni barsiisa kana eessaa fide?" jedhan. "Ogummaa akkamii tuu isaaaf kennname?" "diniin inni harka isaa tiin hojjetu maali?" <sup>3</sup>"Kun isa muka soofticha mitii, ilma Maariyaam, obboleessa Yaaqobii fi Yoses, Yihudaa fi Simeon mitii? Obboleettonni isaa as nuu wajjin jiru mitii?" jedhanii isa maman.<sup>4</sup> Yesuusis, isaaniin, "Raajiin kabaja qaba, bakka dhalootaa fi firoota isaa fi maatii isaa gidduuutti malee." Jedhe. <sup>5</sup>Inni hojji guddaa kam hojjechuu hin danda'u, harka isaa namoota dhukkubsatan muraasa irra kaa'ee fayyisuu malee. <sup>6</sup>Inni amanuu diduu isaanii ni sinqifate. Isa booda gara naannoo magaalaatti ba'e barsiisuudhaaf.<sup>7</sup> Isa boosa warra kudha lamaa waamee lama, lamaan isaan erge. Hafuurota hamoo irrattis aboo kenneef. <sup>8</sup>akka isaan imla isaanii if homaa homaa hin fudhannefis isaan gorse; daabboo, qalqalloo, qarshii fi saqii isaanii. <sup>9</sup>Garuu immoo akka qophee kaa'atanii fi qomee lama garuu akka hin uffanne.<sup>10</sup> Inni, "Yeroo manatti ol seentan, hanga achii adeemtanitti achuma turaa; <sup>11</sup>yoo magaalaan tokko sin hin simatu ta'e yookaan isin hin dhaggeeffatu ta'e, yeroo bakka sanaa adeemtan, dhuga ba'umsa isaaniiawaara milla keessanii of irraa dhadhaa'adhaa." Jedhe. <sup>12</sup>Isaanis ba'anii akka sabni qalbii jijiirratuuf itti lallaban. <sup>13</sup>seexanootas baasan, namoota dhukkunsatan baay'ees zayitii dibanii fayyisan.<sup>14</sup> Mootichi Heroodis kana dhaga'e. akka maqaan Yesuus ballinaa beekame. Namoonni kaan, "Yohaannis cuuphaatu du'a ka'e, kanaaf hojji dinqii kun isaan hojjetama." Jedhan. <sup>15</sup>Warra kaan immoo, "Inni Eliyaasi." jedhan. Amma warri kan biraan immoo, "Inni raajidha, akkuma rajota warra bara durii." jedhan. <sup>16</sup>Heroodis garuu yeroo kana dhaga'e, "Yohaannis isa ni morma irraa kuchisiisetu ka'e." jedhe. <sup>17</sup>Heroodis Yohaannisiti ergee qabsiise, hiisisee ture, waan Heroodis, (haadha manaa obboleessa isaa Filiphoo), fuudheef.<sup>18</sup> Yohaannis, "Ati, haadha manaa obboleessa keetii fuudhuun seera miti." ittiin jedheef. <sup>19</sup>Heroodiyas garuu, garuu itti aartee isa ajjeesuuf barbaadde, garuu hin dandeenye, <sup>20</sup>Heerodis inni nama qajeelaa fi qulqulludha jedhaa waan sodaateef. Kanaaf ni dhiise. Yeroo dubbii isaa dhaga'es walii isaa wallaale, garuu immoo gammachuudhaan dhaggeeffate. <sup>21</sup>Yeroo sana carraan, guyaya itti Heroodis guyyaa dhaloota isaa kabajatuu fi warra aangawoota isaa fi ajajoota isa geggeessitaaoa galiilaaf irbaata qopheessee ni dhufe. <sup>22</sup>Intallo Heroodiyas ol seentee isaanii ragadde, isheenis Heroodisii fi keessummoota warra nyaachaa jiran gammachiifte. Mootichis, mucattii durbaan, "Waan fedha kee ta'e ana gaafadhu, ani siifan kennaa." ittiin jedhe.<sup>23</sup> Innis, "Waan ati ana gaafattu hundumaa, ani siifan kenna, hanfa walakkaa mootummaa kootitti illee" jedhee kakateef. <sup>24</sup>Isheenis dhaqxee, haadha isheetiin, "Maal isa gaafadhu?" jette. Isheenis, "Morma Yohaannis cuuphaa." Jette. <sup>25</sup>Isheen ariiffattee gara mootiitti deebitee, "Amma, akka ati, mataa Yohaannis cuuphaa gabatee mukaatti akka ati anaaf kennituuf nan barbaada," jettee gaafate.<sup>26</sup> Kun yoodhuma mooticha gaddisiise ilee, inni waan waadaa isheedhaaf galee turee fi akkasuma sababii keessummaato isaa warra nyaataa irra turanii. <sup>27</sup>Kanaaf mootichi eegdota isaa keessa loloota ergee, akka isaan morma Yohaannis fidaniif abboome. Loltunis dhaqee, mana hidhaa keessatti maraa isaa irraa kute. <sup>28</sup>inni mataa isaa gabatee irra kaa'ee fidee mucattii durbaaf kenne; mucattiiis haadha isheetiif kennite. <sup>29</sup>Bartoorni isaa yeroo kana dhagaa'an, dhufanii reeffa isaa fuudhanii awwaalcha keessa kaa'ani.<sup>30</sup>Bartoorni Yesuus duukaa dhufanii, waan hojjtanii fi barsiisan isatti himan. <sup>31</sup>Isa booda, inni, "Ofii keessaniif gara bakak duwwaatti ba'atii yeroo muraasaaf boqodhaa." Jedhe. Baay'een waan dhufanii adeemaniif, isaan nyaachudhaaf illee yeroo hin arganne. <sup>32</sup>Kanaaf isaan dooniidhaan, ofii isaanii tiin gara bakka qoofniitti adeemani. <sup>33</sup>Garuu isaan utuu isaan adeemanii arganii baay'eenis hubatniiru, isaan faanas miillaan magaalota hundumaa keessa itti fiigan, isaan duras bakka sana ga'an. <sup>34</sup>Isaan yeroo galaana galaanaa ga'an, inni namoota baay'ee sana argee, o'eef, sababiin isaa, isaan akka hoolota tiksee hin qabnee turan. Kanaaf waantota hedduu isaan barsiisuu eegale.<sup>35</sup> Yeroo guyya'e, bartoonni isaa gara isaa dhufanii, "Kun bakka onaadha, guyya'eeras,<sup>36</sup> akka isaan gara baadiyaa fi magaalota dhiyoo jiranii dhaqanii, waan ofii isaanii nyaatan bitaniif ergi." Ittiin jedhan.<sup>37</sup> Garuu inni deebisee, "isin waan nyaatamu isaanii kennaa." Jedhe. Isaanis deebisanii, "Dhaqnee buddeen diinaarii dhibba lamaa bitnee isaanii kennuu ni dandeenyaa?" ittiin jedhan. <sup>38</sup>Innis isaanin, "buddeena meeqa qabdu? Dhaqaa ilaala." Ittiin jedhe. Isaan yeroo argatan, "buddeena shanii fi qurxummii lama." Jedhan.<sup>39</sup> Inni akka namoonni gareedhaan marga isa lalisaa irra ta'aniif abboome.<sup>40</sup> isaaniiif gareedhaan dhibbaan shantamaanis ni ta'an.<sup>41</sup> Innis budeena shanii fi qurxummii lama fuudhee, waqa keessa ilaalee, eebbisee, cabsee, bartootatti kenne, akka isaan namoota hiraniif. Akkasuma inni qurxumiwwan lamaan sanas namootaa ni qoode.<sup>42</sup> Isaanis hanga quufanitti ni nyaatani. <sup>43</sup>Isaanis buddeena isa harca'e gundoo kudha lama guutuu fuudhani, akkasuma haftee qurxummiis.<sup>44</sup> Namoonni buddeena nyaatanis dhiirota kuma lama.<sup>45</sup> Inni, battaluma akka bartoonni isaa doonii yaabanii isaa dura gara gamaatti ce'an godhe, gara Bee-sayidaatti, hanga ofii isatiif namoota baay'ee sana geggeessutti.<sup>46</sup> Erga geggessee booda, kadhachuudhaaf gara gaaraatti ol ba'e.<sup>47</sup> Halkanis ta'e, dooniin amma gara walakkaa galaanaa

jirti, inni qofaa isaa lafa jira.<sup>48</sup> Inni akka isaan rakkachaa jiran argee, qilleensi akka isaan rakkisaa jiru. Halkan keessa gara sa'atii afurii keessa, galaana irra adeemaa gara isaanii dhufee isaan bira darbuu barbaade.<sup>49</sup> Garuu yeroo inni galaana irra adeemuu argana, hafuura isaanitti fakkaatee guddisanii iyyan.<sup>50</sup> Sababiin isaa isaan isa arganii sodaatan. Inni battaluma isaanitti dubbatee, “Jabaadhaa! Inni ana, hin sodaatinaa!” jedhe.<sup>51</sup> Isaanii wajjin doonii seenee, qilleensichis gab jedhe. Isaanis guddaa dinqifatan.<sup>52</sup> Buddenicha maal jechuu akak tura waan hin hubatiniif. Qooda isaa, garaan isaanii ni jabaate.<sup>53</sup> Isaan yeroo ce'an, Geneseraaxiin ga'anii doonicha dhaabana.<sup>54</sup> Yeroo doonii keessaa bu'an, namoonni battaluma isa hubatan,<sup>55</sup> Guutmmaa naannoo keessa fiiganii, namoota afata isaanii wajjin fiduudhaaf, gara bakka inni jira jedhanii dhagaa'anitti.<sup>56</sup> Mandara, magaalaan yookaan biyya inni seenetti, dhukkubsatoota bakka gabaatti itti fidu. Isaan qarqara uffata isaatii tuquudhaaf isa gaafatu, namoonni baayyeenis tuqanii fayyanii.

## Chapter 7

<sup>1</sup> Fariisotaa fi warri barreessitootaa baay'een, warri Yerusaalemii dhufan isa cinatti walitti qabaman.<sup>2</sup> Isaanis, utuu bartoonni isaa warri xuraa'otaan wajjin nyaatanii argan; utuu harka hin dhiqatin.<sup>3</sup> (Fariisonnis, Yihuudonni hundumtuus utuu sirriitti harka hin dhiqatin hin nyaatani, sababiin isaa duudhaa maanguddota eegu.

<sup>4</sup> Fariisonni yeroo gabaatii galan, utuu hin dhiqatin hin nyaatani, akkasuma waantota kan biraa fudhatan hedduu ni eegu, kan akka kubbayyaa dhiqatu, gaanii, qodaa sibila diimaa irraa hoijjetamee fi teessuma isa irra ta'anii nyaatani.)<sup>5</sup> Fariisonni fi barreessitooni, "Bartoonni kee maaliif akka seera abbootaatti hin adeemani, maaliif utuu harka hin dhiqatin nyaatu?" jedhanii Yesuusiin gaafatan.<sup>6</sup> Inni, "Isaayaas waa'ee keessa warra of tuultotaa raajii dubbateera, akkuma barreeffamee jiru,<sup>8</sup> Isin babboommii Waaqayyoo dhiiftanii, aadaa namootaa eegdu." Jedhe. <sup>9</sup> Akkasuma, "aadaa ofii keessanii eeguuf jettanii, akkas abboommii Waaqayyoo tuffattu! Ittiin jedhe.

<sup>10</sup> Museen, "abbaa kee fi haadha keef ulfinna kenni," "namni abbaa fi haadha isaatti hamaa dubbate du'a dhugumaan ni du'a." jedheera.<sup>11</sup> Isin immoo namni abbaa isaa fi haadha isaa gargaaruuf ture tokko isaaniin, waanti na biraa isiniif kennname, waa'ee isiniif baasuuf ture, amma qurbaana ta'eera", kana jechuunis Waaqayyoof kennameera' yoo jedhe ba'eessa godhe' jettu.<sup>12</sup> Isa booda isin akka inni abbaa isaa yookaan haadha isaaf waa hoijjetuuf hin eyyamtani.<sup>13</sup> Isin aadaa keessan isa fudhattaniin, sagalee Waaqayyoo gatii dhabsiiftu.

Akkasuma waantota kana fakkaatan hedduus ni raawwattu."<sup>14</sup><sup>15</sup><sup>16</sup> 14 Inni ammas namoota baay'ee sana waamee akkas ittiin jedhe, "ana dhaggeeffadhaa, hundumti keessan, hubadhaas. 15 Waanti bakkeedhaa seenee nama xureessuu hin jiru, yeroo inni gara isaatti seenu. Isa namicha keessaa ba'utu isa xureessa." 6<sup>17</sup> Yeroo Yesuus namoota baay'ee sana dhiisee mana seene, bartoonni isaa waa'ee fakkeenyichaa isa gaafatan.<sup>18</sup> Yesuus, "Amma iyuu hin hubatin jirtuu? Akka waanti bakkeetii gara namaatti seenu nama hin xureessine hin beektanii,

<sup>19</sup> Sababiin isaa gara onnee hin dhaqu, garuu gara garaa dhaqee, kosii ta'ee ba'aa? Dubbiin kanaa Yesuus qulqulluu ga'uu nyaata hundumaa labse.<sup>20</sup> Inni, "waan bakkeedhaa dhufutu, nama xureessa.<sup>21</sup> Inni keessa namaatii dhufu, onnee keessaa, yaada hamaa hordofee, ejja, hanna, ajjeesuu,<sup>22</sup> hawwii, hameenya, gowwomsaa, miirummaa, hameenya, maqaa balleessuu, of tuuluu, dhibaa'ummaa.<sup>23</sup> Isaan hamoon kun hundumtuu keessaa ba'u, isaanis warra nama xureessaniidha." sabni kun hidhii isaatiin ana kabaja, garaan isaa garuu ana irraa fagadoodha. 7 isaan akkasumaan ana waaqessu, Abboommii namaa akak barumsa bu'uura amantiitti barsiisu.<sup>24</sup> Inni achii ka'ee gara kutaa Xirosii fi Sidoonaa dhaqe. Achitti manatti ol seenee, bakka inni jirus akka namni beku hin barbaanne, garuu dhukachuu hin dandeenye.<sup>25</sup> garuu, battaluma, dubrtiin mucaa durbaa xiqqoo hafuurri hamaan keessa jiru tokko, waa'ee isaa dhageessee, dhuftee miillaa isaa jalatti kufte.<sup>26</sup> Dubartiin sun Girikii turte, Finiqee Sooriyatii dhufte. Isheen akka inni seexana sana mucaa ishee keessaa baasuuf isa kadhatte.<sup>27</sup> Innis, "Ijoolleen jalqaba haa nyaatani. Nyaata ijoollee fuudhanii sarootaaf kennuun sirrii miti." Ittiin jedhe.<sup>28</sup> Isheen garuu deebiftee, "Eyyee, yaa gooftaa, sareen minjaala jalaa isa haca'e nyaatu." Jette.<sup>29</sup> Innis deebisee, "sababii waan dubbatteef, ati adeemuuf walaba. Seexannis mucaa durbaa keessaa ba'eera."<sup>30</sup> Isheenis gara mana isheetti deebitee mucaan ishee siree irra raftee argite, seexannis keessaa ba'eera.<sup>31</sup> Isa booda, inni nanno Tiroosii ni adeeme, karaa Sidoonaa ba'ee gara Galaana Galiilaa dhaqe, hanga kutaa Diqaaphoolisitti.

<sup>32</sup> Isaani, nama dhaga'uu hin dadneenyee fi haasa'uu hin dandeenye tokko gara isaatti fidani. Akka inni harka isaa isaa irra kaa'us isa kadhatan.<sup>33</sup> Namoota baay'ee irraa qophaatti adda baasanii, inni quba isaa gurra isaa keessa kaa'ee, inni itti tufees, arraba isaa qabe.<sup>34</sup> Isi booda waqa keessa ilaalee, hafuura baafatee, "Eftaa," jedhe; hiikaan isas "banami" jechuudha.<sup>35</sup> battaluma gurri isaa baname, hidhaan arraba isaatiin gad dhiifame, innis walabaan dubbachuu eegale.<sup>36</sup> Yesuus akka isaan namatti hin himne isaan akekkachiise. Garuu hangua inni isaan abboome, isaan immoo caalchisanii lallabani.<sup>37</sup> Isaan baay'ee dinqifatanii, "inni waan hundumaa gaarii godhe, inni duudaa bane, akka inni haasa'u gochuus ni danda'a" jedhan.

## Chapter 8

<sup>1</sup> Guyyoota sana, amma namoonni hedduun turani, isaanwaan nyaatan hin qabani. Yesuus bartoota isaa waamee,  
<sup>2</sup>"Ani namoota baay'ee kanaaf na o'a, sababiin isaa isaan guyyoota sadii nu bira turanii, waan nyaatanu hin hin  
qabani, <sup>3</sup>utuu isaan hin nyaatin yoon gara mana isaaniitti erge, karaa irratti kukkuufuu danda'u. isaan keessaa  
kan lafa fagootii dhufan jiru." Jedhe.<sup>4</sup>Bartoonni isaa, "lafa onaa kana keessatti buddeen ga'aa namoonni kun  
qoofan eessaa arganna?" jedhan.<sup>5</sup> Innis, "Buddeen meeqa qabdu?" jedhee gaafate.Isaanis, "Torba." Jedhan. <sup>6</sup>Inni  
akka namoonni baay'een sun lafa irra ta'an abboome. Buddeena toraban sana fuudhee, galateeefatee, cabse. Akka  
bartoonni isaaniif dhiyeessaniif itti kenne. Isaanis namoota baay'ee sanaad dhiyeessani.<sup>7</sup>akkasuma isaan  
qurxummii muraasa tokkoo qabu turani. Inni erga isaaniif galateeefatee booda, isa kanas akka isaan  
dhiyeessaniif abboome. <sup>8</sup>Isaanis nyaatanii quufan, isaan nyaata isaa isaan irraa hafe funaanani. <sup>9</sup>Isaanis akka  
namoota kuma afuri turan, isaa booda inni isaaniin gad dhiise.<sup>10</sup> Battalumas bartootaa wajjin doonii seenee,  
isaanis gara kutaa Daalmaatiyaa dhaqan.<sup>11</sup> Isa booda fariisonni dhufanii isaa wajjin falmuutti ka'an. Isaan  
mallatttoo waqaq irraa isaa irraa barbaadan, isaa qoruudhaaf.<sup>12</sup>Innis hafuuraa isaan guddisee hafuura baafatee,  
"dhloonni kun maaliif mallaattoo barbaada? Ani dhuguman isinitti hima, dhaloota kanaaf mallatoon hin  
kennamu." Jedhe. <sup>13</sup>Ammas isaaniin dhiisee gara dooniitti deebi'e,e gara gamaatti ce'e.<sup>14</sup> Amma, bartoonni  
buddeen fuudhuu irraanfatani. Isaan buddeen tokko isaa doonii keessa jiruun ala homaa hin qabani. <sup>15</sup>Innis,  
"Ilaalladhaa, raacitii warra fariisotaa fi raacitii Heroodis irraa of eeggadhaa!" jedhee akeekkachiise.<sup>16</sup>Bartoonni  
waa'ee buddeenya dhabuu isaanii walitti falmuutti ka'an.<sup>17</sup>Inni yeroo kana hubate, "maaliif waa'ee buddeenya  
dhabuu walitti falmitu? Amma iyyuu argitanii hun hubanee? Garaa jabaataa qabdu?<sup>18</sup>Ija qabdu, hin argitanii?  
Gurras qabdu, hin dhageessanii? Hin yaadattanii?<sup>19</sup>yeroo budeenya dhan warra kuma shaniif kenne, nyaata  
irraa hafe, guuboo meeqa funaantan?" jedhe. Isaanis, "kedha lama." Jedhan.<sup>20</sup> "Yeroo buddeenya torba warra  
kuma afuriif kenne, harca'aa buddeenii guuboo meeqa funaantan?"Isaanis, "torba" jedhan.<sup>21</sup>Innis, "hin  
hubattaniiree?" jedhe.<sup>22</sup> Isaan gara Beet-sayidaa dhufan, namoonni achi jiran, nama qaro dhaneessa tokko fidanii  
akka Yesuus isaa qaqqabatuuf kadhatan.<sup>23</sup>Yesuus nama qaro dhabeessa sana harka isaa qabee, magaalaa keessaa  
baase. Yeroo inni ija isaatti tufee harka isaa irra kaa'e, "waa ni argitaa?" jedhee gaafate.<sup>24</sup> Innis ilaalee, "ani akka  
muka adeemuttin nama arga." Jedhe.<sup>25</sup>Inni ammas harka isaa ija isaa irra kaa'e, namichisa ija isaa bane, hafuurri  
isaas ni deebi'e, waan hundumaas sirriitti arguutti ka'e.<sup>26</sup>Yesuus gara mana isaatti ergee, "gara magalaatti hin  
seenin." Jedhe.<sup>27</sup> Yesuus, bartoota isaa wajjin gara magala Qeesaar Filiphoots dhaqe. Daandii irratti "Namoonni  
eenyu anaan jedhu?" jehee bartoota isaa gaafate.<sup>28</sup>Isaanis deebisanii, "Yohaannis cuuphaa, warr kaan immoo,  
"eliyaas,' warri kaan, "raajota keessaa tokko." Jedhan.<sup>29</sup> Inni, "isin immoo eenyu anaan jettu?" jedhee.Pheexiroos,  
"Ati kiristoosi." Jedhe. <sup>30</sup>Yesuus akka isaan waa'ee nama kamitti iyyuu hin himne akeekkachiise.<sup>31</sup> Inni akka ilmi  
namaa waan baay'eedhaan dhiphachuuf jiru barsiisuutti ka'e, geggeessitootaan, angafa lubootaa fi  
barreessitotaan jibbamuu akka jiru, ajjeefamuuufis akka jiru, guyyaa sadaffaattis du'aa akka ka'u.<sup>32</sup>Inni  
mul'inaan ergicha dubbate. Isa booda Pheexiroos kophattu baasee ifachuu eegale.<sup>33</sup> Yesuus garuu deebi'ee  
bartoota isaa ilaalee, Pheexiroosiin ifatee, "Seexanana , ana duraa adeemi, ati isaa kan Waaqayyoo irra yaada kee  
keessee hin jirtu; waanta isaa kan namaa irra malee." Jedhe <sup>34</sup>Isa booda inni saba baay'ee sanaa fi bartoota isaa  
walitti waame, "Namni ana duukaa bu'uu barbaadu, ofii isaa ganuutu irra jira, fayyoo isaa baatee, ana duukaa  
haa bu'u." jedhe.<sup>35</sup> Nami lubbuu isaa oolfachuu barbaadu isaa ni dhaba, garuu name anaaf jedhaa, akkasuma  
wangeelaaf lubbuu isaa dhabu ni oolfata." Jedhe. <sup>36</sup> Nami guutummaa biyya lafaa bu'aa isaa godhatee, lubbuu isaa  
yoo dhabe maal buufata?<sup>37</sup>Namni jijiirraa lubbuu isaatii maal kenna?<sup>38</sup> Dhaloota ejja fi cubbamaa kana  
keessatti, nama anatti, dubbi koottis yeela'utti, ilmi namaas ulifna abbaa isaatii ergamoota qulqulootaa wajjin  
yeroo dhufu itti yeella'a.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Inni, “ani dhuguman isiniin jedha, Isin warra as keessa dhaabatta keessaa, utuu mootummaan Waaqayyoo humnaan dhufuu isaa hin argina, hin argina du'a kan argine jirtu.” Ittiin jedhe. <sup>2</sup>Guyyoota ja'a booda, Yesuus, Pheexiroosiin, Yaaqobii fi Yohaannisiin of duukaa fuudhee, gara gaara dheeraa tokkotti kophatt isaan baase. Achitti bifni isaa jijjiirame. <sup>3</sup>Uffatani isaa baay'ee ife, baay'ee addii, muuccituun lafa irraa uffata addeessitu caalaa addaata. <sup>4</sup> Isa booda Eliyaas Musee wajjin isaanitti mul'ate, isaanis Yesuusii wajjin adeemaa turan. <sup>5</sup>Pheexiroos deebisee, Yesuusiin, “Rabbin as turuun nuuf gaariidha, manneen sadii haa ijaarru, tokko siif, tokko Musees, tokko immoo eliyaasiif.” Jedhe. <sup>6</sup>(Inni waan jedhu hin beeku ture, isaan sodaatanii waan turaniif.) <sup>7</sup>Duumessi dhufee isaan haguuge. Sagaleenis duumessa keessa dhagaa'ame, “Kun ilma koo isa jaallatamaadha, isa dhaga'aa.” <sup>8</sup>Akka tasaa, yeroo naanoo ilaalan, of biratti homaa iyuu hin argine, Yesuus kophaa malee. <sup>9</sup>Utuu gaara irraa gadi bu'aa jiranii, akka isaan waan argan hana ilmi namaa du'aa ka'utti eenyuutti iyuu hin himneef akekkachiise.

<sup>10</sup>Kanaaf isaan dhimmicha ofiidhuma isaaniif qabatani. Garuu immioo, “du'a ka'u jechuun maal jechuudha” jedhanii walii isaanii gidduutti haasa'ani. <sup>11</sup>Isaan, “warri barreessitootaa maaliif eliyaas dursee dhufuutu irra jira jedhu?” jedhanii isa gaafatan <sup>12</sup>Innis, “waan hundumaa bakka deebisuudhaaf, Eliyaas dursee hin dhufu. Isa immoo maaliif ilmi namaa naaf guddaa dhiphachuu fi tuffatamuutu irra jira, jedhamee caafameree?” isaanii jedhe. <sup>13</sup>Ani garuu akka Eliyaas dhufe isinittin hima, isaanis waan barbaadan isa irratti hojjetan, akkum isa waa'ee isaaf barreeffamee jiru.” Jedhe. <sup>14</sup>Isaan yeroo gara bartootaa dhufan, naannoo isaaniitti namoota baay'ee argan, warri barreessitootaa isaanii wajjin falmiitti turan. <sup>15</sup>Yerooakkuma Yesuusiin arganiin, guutummaan sabichaa ni dinqifate, gara isaatti fiiganiis nagaa isa gaafatan. <sup>16</sup>Bartoota isaaS, “isaanii waa'ee maalii walitti falmitu?” jedhee gaafatae. <sup>17</sup>Sabicha keessaas namni tokko, “yaa barsiisa, ani mucaa dhiiraa koon sitti fide. Inni hafuura akka inni hin dubbanne isa taasisu qaba. <sup>18</sup>Iddoodhuma isa qabutti lafaan isa dha'a, oomochas afaan isaa keessa guuta, ilkaan isaa walitti riga, qarattis ni goga. Ani akka bartoonni kee isa keessaa baasaniiif gaadheen ture, isaan garuu hin dandeenyne.” Jedhe. <sup>19</sup>Innis, “dhaloota hin amanne, hanga isin bira turu? Hanga yoomiittis ba'aa anatti taatu? Anatti fidaa.” Jedhe. <sup>20</sup>Isaanis mucicha gara isaatti fidani. Hafuurichi yeroo Yesuusiin battaluma durbatee oollate. Mucichis lafatti kufee afaan isaaatiin oomocha baase. <sup>21</sup>Yesuus “yeroo hangamiif akka ta'e?” jedhee abbaa isaa gaafate. Abbaan isaaS, “mucummaa isaatti kaasee” jedhee deebise. <sup>22</sup>Yeroo baay'ee abiddatti, bishaanitti, isa darbata isa balleessuu ni barbaada. Yoo waa gochuu ni dandeessa ta'e, nuuf gaddiitii nu gargaari jedhe.” <sup>23</sup>Yesuus deebisse, “Yoon ni dandeessa ta'e? Warra amananiif waanti hundumtuu ni dandaa'ama.” Jedhe. <sup>24</sup>Abbaan mucichaa iyeee, battaluma “ani nan amana! Amanuu diduu kootti ana gargaari!” jedhe. <sup>25</sup>Yesuus yeroo uttu namoonni hedduun gara isaatti utuu fiiganii arge, inni hafuurota hamoota ifatee, “ati hafuurri didaadhaa fi duudaanana, ani sin abbooma, keessaa ba'i, deebitees itti hin seenin” jedhe. <sup>26</sup>Innis iyeee, cimsee mucicha oollachiisee, keessaa ba'e. mucichis akka nama du'ee ta'e. kanaa namoonni baay'een, “Inni du'eera” jedhan. <sup>27</sup>Yesuus garuu harka isaan qabee ol isa kaase, inni ka'ee dhaabate. <sup>28</sup>Yesuus Yesuus ol seene, bartoonni isaa “nuti maaliif baasuu dadhabre?” jedhanii qofaatti isa gaafatana. <sup>29</sup>Inni immoo, “inni akkasii kun kadhannaadhaan malee hin ba'u” ittiin jedhe. <sup>30</sup>Inni achii ba'ee, Galilaa keessa darbe. Inni eessa akka isaan jiran eenyu illee akka beeku hin barbaanne. <sup>31</sup>Bartoota isaa barsiisaa waan tureef. Inni “ilmi namaa harka namootaatti dabarfamee ni kennama, isaanis isa ni ajjeesu. Inni yeroo du'u, guyyoota sadii booda immoo deebi'ee ni ka'a.” ittiin jedhe. <sup>32</sup>Isaan garuu jecha kana hin hubanne, isa gaafachuu ni sodaatanii. <sup>33</sup>Isa booda gara Qifirnaahom dhufan. Erga manatti ol seenee booda, “daandii irratti maal mari'chaa turtan?” jedhee isaan gaafate. <sup>34</sup>Isaan garuu ni callisani, daandii irratti waa'ee eenyuutti caalaa irratti walitti falmaa waan turaniif. <sup>35</sup>Taa'aniis, inni warra kudha lamaanii walitti waamee, “namni isa jalqabaa ta'u barbaadu, dhuma ta'u fi tajaajilaa hunudmaa ta'uutu irra jira.” Jedhe. <sup>36</sup>Inni mucaa xiqqoo fuufhee gidduu isaanii dhaabe. Bobaa isaattis baatee, <sup>37</sup>“namni mucaa akkasii maqaa kootiin simatu, anas ni simata, namni ana simata ana simata miti, isa ana ege simata malee” jedhe. <sup>38</sup>Yoonnis, “yaa barsiisa, utuu namni tokko maqaa keetiin seexana baasuu arginee, isa dhowwine, sabaiin isaa inni nuun hin hordofu” jedhe. <sup>39</sup>Yesuus garuu, “isa hin dhowwinaa, namni maqaa kootiin hojji aangoo hojjetee, dafee immoo waa'ee koo hamaa dubbachuu danda'u hin jiru'oo.” Jedhe. <sup>40</sup>Namni faallaa keenya hin taane gara keenya. <sup>41</sup>Waan isin kan Kiristoos taataniiif, namni akka isin dhugdaniif maqaa kootiin bishaan isiniif kenu, dhuguman isinitti hima, inni gatii isaa hin dhabu. <sup>42</sup>Namni warra anatti amanan xixiyannoota kana gufachiisu, utuu dhagaan daakuu guddaan isaa morma isaatti hidhamee galaanatti durbatee isaaf wayya ture. <sup>43</sup>Haki kee yoo si gufachiise, of irraa muri. harka lamaanuu qabattee gara qiliilee abida hin dhaamnee, dhaquu kee irra, harkuma tokko qabattee jireenyatti galuu siif wayya. <sup>47</sup>Iji kee yoo si gufachiise, of keessaa baasi. Ija lamaanuu qabaattee qiliiletti darbatamuu kee manna, ija tokko qabaattee mootummaa Waaqayyootti galuu siif wayya. <sup>48</sup>bakka raammoon hin duune, abiddi isaaS hin dhaamne. <sup>49</sup>namni hundumtinuu

## Chapter 9

abiddaan minyaa'a.<sup>50</sup> Soogiddi gaariidha, garuu yoo soogiddummaa isaa dhabe, akkamitti deebi'ee minyaa'uu danda'aree? Soogidda of keessa qabaadhaa, walii keessaniifis nagaa qabaadhaa."

## Chapter 10

<sup>1</sup>Yesuus bakka sanaa adeemee gara kutaa Yihudaa dhaqe, akkasuma bakka isa galaana Yordaanos duuba ture. Namonni immoo ammas gara isaa dhufan. Immoo ammas isaan barsiise,akkuma gochaa ture. <sup>2</sup>Fariisonni isa qoruudhaaf gara isaa dhufanii, “abbaan manaa tokko haadha manaa isaa hiikuun seeraa?” jedhanii isa gaafatani. <sup>3</sup>Innis, “Museen maal isin abboome?” jedhee deebise. <sup>4</sup>Isaanis, “Museen akka abbaan manaa xalayaa, wal hiikuu barreessuu fi hiiku, akkasuma, ishee geggeessuuf eyyame” jedhan. <sup>5</sup>Yesuus “Inni sababaii mata jabian keessaaniif kana isiniif barreesse” jedhe. <sup>6</sup>“garuu jajqaba uumamaati kaasee, “Waaqayyo dhiiraa fi shamarran uume.” <sup>7</sup>‘Kana irraan kan ka’e, namni abbaa isaa haadha isaa ni dhiisa, haadha manaa isaaattis ni maxxana.” <sup>8</sup>Iсаan lamaanuu foon tokko ni ta’u. <sup>9</sup>Kanaaf waan Waaqayyo walitti qabsiise, namni gar gar hin basin. <sup>10</sup>Yeroo isaan mana keessa turan, bartoonni isaa ammas waa’ee kanaa isa gaafatan. <sup>11</sup>Innis, “namni haadha manaa isaa hiikee kan biraafuudhu, ishee irratti ejja raawwata.” Jedhe. <sup>12</sup>Isheenis yoo abbaa manaa ishee hiikee kan biraatti heerumte, ejja ni raawwatti.” Jedhe. <sup>13</sup>Isa booda isaan, mucoolii xixiqqoo gara isaa fidani, akka inni harka isaa isaan irra kaa’uuf, bartoonni garuu isaani dheekkamani. <sup>14</sup>Yesuus garuu yeroo hubate, isaanin hin dhowwinaa, mootummaan Waaqayyoo warra akkasiitiif waan ta’ef jedhe. <sup>15</sup>Ani dhuguman isiniin jedha, namni akka mucooliitti mootummaa Waaqayyoo hin fudhanne, dhugumaan mootummaa Waaqayyootti hin galu.” <sup>16</sup>Isa booda mucoolii bobaa isaaattis fuudhee,akkuma harka isaa isaan irra kaa’etti isaan eebbise. <sup>17</sup>Inni yeroo imala isaa eegale, namni tokko gara isaaattis fiigee jilbeenfatee, “Yaa barsiisa gaarii, mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf maal gochuutu anaaf ta’e?” jedhe. <sup>18</sup>Yesuusis, “Maaliif gaarii jeytaa ana waamta? Waaqayyo qofaa malee gaariin hin jiru.

<sup>19</sup>Abboommota isaaas beektu, “hin ajjeesin, hin ejjin, hin hatin, sobaan dhugaa hin ba’in, hin gowwomsin, waliin hin dha’in, abbaa kee fi haadha kee kabaji” jedha jedhe. <sup>20</sup>Namichis, “Barsiisa, waantota kana hundumaa xinnummaa kootii eegalee raawwadheera” jedhe. <sup>21</sup>Yesuus isa ilaalee, jaallates. Innis, “waan tokkotu sitti hir’ata” jedhe. “waan qabdu hundumaa gurgurii warra hin qabneef kenni, waaqa irraa badhaadhummaa ni qabaattaa.” Isa booda, kottuu ana duukaa bu’i ittiin.” Jedhe. <sup>22</sup>jecha isaa kana irraan kan ka’en inni baay’ee gadde, gaaddees ba’ee sokke, sababiin isaa inniq qabeenyaa guddaa qaba ture. <sup>23</sup>Yesuus naanoo isaa ilaalee, bartoota isaaatiin, “Warra badhaadhotaaad mootummaa Waaqayyootti galuun akkam cimaadhal!” jedhe <sup>24</sup>Bartoonni isaaas dubbiis isaa kana ni ajaa’ibsiifatan. Yesuus garuu, “Ijolle, Mootummaa Waaqayyootti galuun akkami cimaadhal! jedhe.

<sup>25</sup>Gaalli qaawwa lilmoo keessa ba’uutu irra salphaadha, sooreessii mootummaa Waaqayyootti galuu caalaa.” <sup>26</sup>Isaan guddaa dingifatanii walii isaanii, “Yoos eenyuutu fayyuu danda’aree?” jedhan. <sup>27</sup>Yesuus isaanin ilaalee, “namaaf hin dandaa’amu, Waaqayyoof malee, Waaqayyoof waanti hundumtuu ni dandaa’ama.” Jedhe.

<sup>28</sup>Pheexiroosisi isatti haasa’uu eegale, “Ilaali, nuti waan hundumaa dhiifnee si duukaa buuneerra.” <sup>29</sup>Yesuusis, “dhuguman isiniti hima, namni anaaf wangeelaafis jedhee, mana yookaan obboleessa, yookaan obboleettii, yookaan haadha yookaan abbaa yookaan ijoolee yookaan oyiruu isaa dhiise hin jiru. <sup>30</sup>Amma bara kanatti ari’atamuuj wajjin manneen, obboloota, obboleettota, haadholii, ijoolee, qonnaa harka dhinna kan hin fudhanne, mootummaa issa dhufutti, namni jirenya bara baraa hin arganne hin jiru. <sup>31</sup>gaaruu baay’een warra duraa kan turan, dhuma ni tau. Warri dhumaas jalqaba.” <sup>32</sup>Isaan gara Yerusaalemitti ol ba’uu daandii irra turan, Yesuus isaan dura adeemaa ture. Bartoonnis ni dingifatan, warra boodaan adeemaa turanis ni sodaatan. Isa booda Yesuus amma bara kudha lamaanii addatti fuudhee, waanta yeroo dhiyoo keessatti isa irra ga’uuf jiru itti hime.

<sup>33</sup>“Ilaalaa, Nuti Yerusaalemitti ol ba’uu jenne, ilmi namaas harka warra angafa lubootaa fi warra barreessitoatti dabarfamee ni kenname.” Jedhe. Isaanis du’atti dabarsanii ni kenvi, warra ormaattis dabarsanii ni kenvi.

<sup>34</sup>Isaanis, itti qoosu, itti tufu, ni rebus, akkasumas ni ajjeesu. Guyyoota sadii booda du’aa ni ka’aa.” <sup>35</sup>Yaaqobii fi Yohaannis, ilmaan Zabdiyoos, dhufanii, “Yaa bariisa, waan nuti si kadhanuu akka nuuf gootu ni barbaanna.” Jedhan. <sup>36</sup>Innis isaanin, “maal akka an isiniif godhu barbaaddu?” jedhe. <sup>37</sup>Isaanis, “akka nuti ulfinicha keessa sii wajjin teenyuuf nuuf eyyami, tokko mirka kee, inni kaan immoo bitaa kee.” Jedhan. <sup>38</sup>Yesuus garuu, isaaniiif deebisee, “waan gaafattan hin beektani. Dhugaatii isa ani dhugu dhuguu ni dandeessuu, yookaan cuuphaa isa ani ittiin cuphamuun cuupahmuun cuuphanii ni dandeessuu?” jedhe. <sup>39</sup>Isaani, “nuti ni dandeenya” jedhan. Yesuus, “xoofoo ani dhugu, isin ni dhugdu, cuuphaa isa ani ittiin cuuphamu isinis ni cuuphamtu. <sup>40</sup>isa mirga koo yookaan bitaa koo ta’u kenuun garuu kan koo miti. Inni garuu kan warra qophaa’eeifiit.” <sup>41</sup>Bartoonni warri kudhanii yeroo kana dhagaa’an, Yaaqobii fi Yohaannisitti baay’ee aarani. <sup>42</sup>Yesuus gara ofii isaaati isaan waamee, “warri saba biyya lafa kanaa abboomuutti beekan, gooftummaadhaan akka isaan seerratan isin iyyuu ni beektu, gurguddoonti isaanis aboo isaanii isaaattis irratti ni argisiisu.” Jedhe. <sup>43</sup>Isin gidduutti garuu akkas miti. Isin gidduutti guddaa ta’uu kan barbaadu hojjetaa keessan ta’uutu irra jira. Jedhe. <sup>44</sup>akkasuma isin gidduutti isaa duraa ta’uu kan barnaadu, hunda keessaniif garbicha ta’uutu irra jira. <sup>45</sup>Ilmi n amaa tajaajilamuudhaaf hin dhufne, lubbuu isaa furii godhee baay’eedhaaf kenuuuf malee” jedhe. <sup>46</sup>Isaan gara Yeriikoo dhufan. Yeroo inni

bartoota isaa fi namoota baay'ee wajjin Yerikootii adeeme, ilmi Ximewos, Barximewos, kadhataan qaro dhabeessi tokko, daandii cina ta'aa ture.<sup>47</sup> Inni yeroo Yesuus Zaazireet ta'uun isaa dhaga'e, iyyee, "Yesuus, ilma Daawwit, ana fayyisi!" jedhe.<sup>48</sup> Baay'een naa qaro dhabeessa sana ni ifatani. Akka inni callisuuf. Inni garuu ittuma caalchisee iyye, "Ilma Daawit, ana fayyisi!" jedhe.<sup>49</sup> Yesuus dhaabatee akka isa fidaniif abboome. Isaanis namicha qaro dhabeessa sana ni waamani, "Jabaadhu! ka'i! inni si waama" jedhan.<sup>50</sup> Inni kootii isaa darbatee, utaalee, gara Yesuus dhufe.<sup>51</sup> Yesuus deebisee, "maal akkan siif godhu barbaadda?" jedhe. Qaro dhabeessichis, "rabbi, akka ati qaroo koo anaaf deebift" jedhe.<sup>52</sup> Yesuusis, "Dhaqi, amantii kee si fayyiseera." Jedhe, battalumas deebisee arguu danda'e. daandii irrattis isa duukaa ba'e.

## Chapter 11

<sup>1</sup> Amma akkuma isaan Yerusaalemiin dhufaniin, Bee-faagee fi Bitaaniyaa Gaara Ejersaatti dhiyoo turan, Yesuusis bartoota isaa lamaan of dura erge. <sup>2</sup>Isaaniinis, “gara mandara isa nu fuula dura jiruu dhaqaa, akkuma seentaniinis, hara takkaa irra hin taa’amin tokko ni argitu. Isas hiikaatii anaaf fidaa. <sup>3</sup>Yoo namni, “Maaliif kana gootu?” isiniin jedhe, “Goothaatu barbaada, dafees immoo deebisa.” Jedhaa jedhe. <sup>4</sup> Isaanis ba’anii harree balbalaan ala daandii irratti hidhame arganii, isas hiikan. <sup>5</sup>Namoonni achi dhaabataa turan tokko, “maal gochaa jirata, maaliif harree kana hiiktu?” <sup>6</sup>Isaanis akka Yesuus itti hime itti himani, namoonni sunis akka isaan adeemaniif eyyamaniif. <sup>7</sup> isaanis harree sansa fidanii, uffata isaaniis irra buusan. Inni irra taa’e. <sup>8</sup>namoonni hedduunis uffata isaanii daandii irra afanii, warri kaan immoo dame mukaa isa bakkeetii kutan facaasan. <sup>9</sup>warri isa dura adeemanii fi isa duubaan adeeman ni iyyani. “Hoosaa’inaa! Maqaa Waaqayyootiin kan dhufu inni eebbfamaadha. <sup>10</sup>Mootummaan abbaa keenya Daawwit inni dhufe eebbfamaadha! Hoosaa’inaa ol gubbaatti!”<sup>11</sup> Isa booda Yesuus Yerusaalemitti galee, gara mana sagadaa dhaqee, waan hundumaa ilaale. Amma yeroon darbaa jira, warra kudha lamaanii wajjinis gara Bitaaniyaaatti darbe. <sup>12</sup>guyyaa itti aanu utuu, Biyaaniyaaatti dhufaa jiruu, beela’e. <sup>13</sup> fageenyaa irrattis muka Harbuu baala qabu tokko arge, yoo ija qabaate jedhee gara mukichaa dhaqee, yeroo bira ga’es, ija malee homaa irraa hin arganne, yeroo isaas yeroo habuu hin turre. <sup>14</sup>Inni itti dubbate, “deebisee namni sitti hin nyaatin.” jedhe. Bartoonni isaan ni dhagaa’ani. <sup>15</sup> Isaan gara Yerusaalem dhufan. Innis mana sagadaatti seenee warra bitanii guguran mana sagadaa keessaa gadi baase. Minjaala warra maallaqa jijiiranii baay’ee gara galche, teessuma warra gugee gurguraniis. <sup>16</sup>Inni, akka namni tokko illee, mana sagadaa keessatti waanta gurgutamu baatuuf hin eyyamne. <sup>17</sup> Inni isaan barsiisee, “manni koo saba hundumaaf mana kadhataa jedhamee” “caafamee hin jiruuree?” jedhe. <sup>18</sup>Angafoonni lubaa fi barreessitooni waan inni jedhe, karaa ittiin isa balleessan barbaadan. Isaan waan guutummaan sabichaa barsiisa isaan dinqifataniif isa sodaatan. <sup>19</sup>Yeroo dhiyes, isaan magaalichaa ba’ani. <sup>20</sup> Ganama utuu adeemanii, mukti harbuu sun hanga idda isaatti gogee argan. <sup>21</sup>Pheexiroos yaadatee, “Rabbi! Mukti harbuu ati abboomte gogeera.” jedhe. <sup>22</sup> Yesuusis, “Waaqayyooti amanaa. <sup>23</sup>ani dhuguman isiniin jedha, namni tokko tulluu kanaan, “buqqa’iitii galaanatti gadi gadi darbatami,’ yoo jedhe, garaa isaatti utuu hin shakkin, waanti inni jedhe ni ta’a jedhee yoo amane, Waaqayyo isa akkasii ni hojjeta. <sup>24</sup><sup>26</sup>24 kanaaf ani isiniinan jedha, waanta kadhantanii fi gaafatan hundumaa, nana argadha jedhaa amanaa, kan keessanis ni ta’a. <sup>25</sup>Yeroo kadhantan, waan namatti gadditan hundumaa dhiisuutu isin irra jira, abbaan keessan inni waaqa irraas, irra daddarbaa keessanakka isiniif dhiisutti.” Jedhe. <sup>27</sup>Isaan ammas gara Yerusaalem dhufan. Utuu Yesuus gara mana qulqullummaatti adeemaa jiruu, angafni lubootaa, barreessitooni fi warri geggeessitootaa gara isaa dhufan. <sup>28</sup>Isaanis, “Ati humna maaliitiin hojji kana hundumaa hojjetta, akka ati kana gootuufis maaltu aboo kana siif keene?”<sup>29</sup>Yesuusis, “ani gaaddii tokkon isin gaafadhha. Anatti himaa, anis humna maaliitiin akkan kana hundumaa hojjedhu isinittin himaa.” Jedhe. <sup>30</sup>Cuuphaan Yohaannis, waaqa irratimoo, nama biraat ture? Anaad deebisaa.”<sup>31</sup> isaanis walii isaanii wajjin mari’tanii irratti waliiif galanii, Yoo, “Waaqa irratti” jenne, inni immoo, “maalii isa hin amanneree?” jedha. <sup>32</sup>garuu yoo, “nama biraatti jenne,’ namoota sodaatani, namoonni hundumtuu Yohaannis raajii akka ta’e waan amananiif. <sup>33</sup>Kanaaf isaan deebisanii, Yesuusiif “hin beeknu” jedhan. Yesuusis, “ani aboo maaliitiin akka kana hundumaa hojjedhu isinitti hin himu” jedhe.

## Chapter 12

<sup>1</sup> Isa booda Yesuus fakkeenyaan isaan barsiisuu eegale. Inni, "Namni tokko mukeetii wayinii hedduu oyiruu isaa irra dhaabee, dallaas itti ijaare, boollaa wayinicha keessatti cuunfanis qote. Siree irra ta'anii eeganis ijaaree, namoota hujjetanii eeganitti kennee adeeme. <sup>2</sup>Yeroon isaa geenyaan, akka inni dhaqee, muka wayiniittii ija fiduu gara wara wayinii eeganiitti hujjетaa isaa erge. <sup>3</sup>Iсаan garuu isa fuudhanii, rukutanii, harka isaa duwwaa isaa deebisan. <sup>4</sup>Inni, ammas hujjетaa kan bira erge, isaanis mataa isaa madeessanii, isaa qaanesson. <sup>5</sup>Inni amma kan bira erge, isaa kana immoo ni ajjeesan. Isaa namoota baay'ee bifaa kanaan akka godhan, warra kaan ni reebani, warra kaan immoo ni ajjeesan. <sup>6</sup>Inni amma nama erguudhaaf nama hafe tokko qaba, ilma isaa isaa jaallatamaa. Inni kuun isaa dhuma ergamuudha. Innis, "isaan mucaa koo ni kabaju" jedhe. <sup>7</sup>"Garuu warri wayinii guddisan, "Kun isaa dhaaltuudha. Kottaa, isaa ni ajjeesnaa, dhaalichis kan keenya ta'aa." Waliin jedha. <sup>8</sup>Iсаan qabanii isaa ajjeesani oyiruu wayinii keessaa isaa darbatan. <sup>9</sup>Kanaaf, abbaan oyiruu wayinii sanaa maal godha? Inni dhufee warra wayinii eegan sana ni balleessee namoota kan biraatti ni kenna"<sup>10</sup> caaffata qulqullaa'aa kana hin dubbifne? Dhagaan inni warri ijaartuun tuffatan, dhagaa-golee ta'e. <sup>11</sup>Kun Waaqayyoo bira ture, ija keenyattis dinciidha." Jedhu. <sup>12</sup>Kana booda, geggeessitoota warra Yihuudotaa, karaa ittiin Yesuusiin qaban barbaadan, sababiin isaa akka inni fakkeenya faallaa isaanii dubbate hubatan. Garuu immoo saba baay'ee sana sadataniiru. Kanaaf isaa dhiisanii sokkan. <sup>13</sup>isa booda fariisota keessaa, akkasuma warri garee Heroodis keessa namoota gara isatti ergan haasaa isatiin isaa qoruudhaaf. <sup>14</sup>Iсаan yeroo dhufan, "Yaa barsiisa, ati dhuga qabeessa akka taate nuti ni beekna, nama tokko illees hin sodaattu, karaa Waaqayyoo dhugaadhaan barsiifta malee, namas wal hin caalsiftu. Egaa Mootii warra Roomaaf gibira baasuu seeramoo seera miti? Moo dhiifnu?" jedhaniin. <sup>15</sup>Yesuus garuu of tuulummaa isaanii baree, "isin maaliid ana qortu? Mee akka ilaaltti Diinaaricha anatti fidaa." Jedhe. <sup>16</sup>Iсаanis tokko Yesuusittu fidan. "fakkiin kana irraa eenyuun fakkaata?" jedhe? "Isaanis, "Qeesaar" jedhan. <sup>17</sup>Yesuus, "waanta isaa qeesaar, qeesaariif kennaa, isaa kan Waaqayyoo immoo Waaqayyoof kennaa" jedhe, isaanis isaa ni dinqifatan. <sup>18</sup>Warri saaduqootaa, warri du'an hin jiru jedhan. Gara isaa dhufan. Akka jedhaniis isaa gaafata. <sup>19</sup>"Yaa barsiisa, Museen nuuf barreesseera, yoo obboleessi nama tokkoo, haadha manaa dhiisee du'e, mucaa immoo hin qabu ta'e, namichia haadha manaa obboleessa isatiis fuudhuutu irra jira, ijoollee obboleessa isatiis guddisuuti irra jira jedhee nuuf barreesseera" jedhan. <sup>20</sup><sup>22</sup><sup>23</sup>Obboloota torbatu turan, inni jalqabaa haadha manaa fuudhee du'e, ijoollee utuu hin fodhatin. <sup>21</sup>Inni lammafaan fuudhee irraa du'e, ijoollee utuu hin godhatin, inni sadaffaanis akkasuma. Dhuma irratti, dubartitiinis ni duute. <sup>22</sup>Du'aa kauutti, yeroo du'aa ka'an, isheen kan eenyuu taati? Obboloonni turban hunduntuu akka haadha manaatoo ishee fuudhaniiruu?" <sup>24</sup>Yesuus, "kun sababii isin ittiin dogogrtan mitii, isin yookaan caafata qulqulla'aa, yookaan immoo humna Waaqayyoo hin beektan" jedhe. <sup>25</sup>Iсаan yeroo du'aa ka'an, akka ergamoota warra keessaa ta'u malee, hin fuudhan hineerumani. <sup>26</sup>Garuu waa'ee warra du'aa ka'anii ilaachisee, isin macaafa Musee keessatti hin dubbifne, waa'ee daggala isaa boba'uu, akkamitti akka Waaqayyo itti dubbatee fi "ani Waaqayyo isaa kan Abrahaamii fi Waaqayyo isaa ka Yisiyaaqi, Waaqayyo isaa kan Yaaqobis" jedhe? <sup>27</sup>Inni Waaqayyo warra du'anii miti, kan warra jiraatooti. Isin sirriiit dogoggortaniittu. <sup>28</sup>Warra barreessitootaa keessaa tokko dhufee isaanii wajjin mari'ate, utuu Yesuus siirriiit isaaniiif deebisuu dhaga'e. Inni "abboommiiwan keessa isaa kamtu caalaa barabaachisaadha?" jedhee isaa gaafate. <sup>29</sup>Yesuus, "inni baay'ee barbaachisaan, Yaa Israa'el dhaga'I Waaqayyo kee Waaqayyo tokkicha. <sup>30</sup>Waaqayyoo kee garaa kee guutuu, lubbuu kee guuuu, sammuu kee guutuu, human hundumaan jaalladhau" isaa jedhu jedhe. <sup>31</sup>Abboommiiin inni lammafaan, "olloota kee akka ofii keetti jaalladhau" abboommiiin isaan kana caalu hin jiru jedhe. <sup>32</sup>Barreessichis, "Yaa barsiisa gaarii! Ati dhuguma Waaqayyo tokko jette, isaa birattis Waaqayyo kan biraan akka hin jirre. <sup>33</sup>garaa hundumaan isaa jaallachuun, hubannaa hundumaa fi humna hundumaa, akkasuma olloota ofii akka ofiitti jaallachuun aarsaa gubamuu aarsaa irra akkka caalu. Siirri jette jedhe. <sup>34</sup>Yesuus yeroo inni gaafii gaarii ta'e kennuu isaa arge, "ati mootummaa Waaqayyoo irraa fagoo miti" ittiin jedhe. Isa booda, eenyu illee Yesuusiin gaadii gaafachuudhaaf kan ija jabaate hin turre. <sup>35</sup>Yeroo Yesuus mootaa mana sagadaa keessatti barsiisa ture, "warri barreessitootaa akkimiitti, Kiristoos ilma Daawwiti" jedhu. <sup>36</sup>Daawwit ofii isatiif, hafuura qulqulluudhaan, <sup>37</sup>Daawwit mataan isaa iyyuu "gooftaa" jedhee isaa waame, kanaaf akkamitti Kiristoos ilma daawwit ta'aree?" jedhe. Sabichis gammchuudhaan isaa dhaggeeffate. Gooftaan koo gooftaa kootiin, "karaa mirga koo taa'i, hangan diinota kee miilla kee jala kaa'utti." <sup>38</sup>Yesuus barsiisa kana keessatti, "warra barreessitootaa irraa of eegaaa, warra dhedheeraa uffatanii fi bakka gabaattis nafaa gaafatamuun barbaadan irraa of eeggadhaa, <sup>39</sup>warra yaa'ii keessattis teessuma isaa baay'ee barbaachisa qabanii fi bakka dhangaattis bakka kabajaa qaban. Jedhe. <sup>40</sup>Iсаan mana dubartoota abbaa manaa hin qabnee ni saamu, akkasuma isaan namootaafis kadhnanaa dheeraa kadhatu arguudhaaf, namoonni kun ifatamuun guuddaa ni fudhatamu." <sup>41</sup>Yesuus al tokko fullee qodaa buusii taa'ee ture, inni yeroo namoonni buusii isaanii qodaa buusii keessa buusaa turan ilaalaat

ture. Namoonni sooresootni baay'een, maallaqa baay'ee kennaar turan.<sup>42</sup> Dubartiin abbaa manaa hin qabne tokkos dhuftee horii sibiilaan kan akka saantima lama buuste.<sup>43</sup> Inni bartoota isaa waamee, "ani dhuguman isinniin jedhe, haati hiyyeessaa kun, isa warri kaan qodaa buusii keessa buusan caalaa buuste."<sup>44</sup> warra kaan isa isaan irraa hafe buusani. Dubartiin abbaa manaa hin qabne kun, dhaba ishee keessaa kennite, qabeenya ishee hundumaa isa ittiin jiraattu buuste." Jedhe.

## Chapter 13

<sup>1</sup> Utuu Yesuus mana sagadaa keessaa ba'uu, bartoota isaa keessaa tokko, "Yaa barsiisaa, dhagoota fi gamoo ajaaiboo kana ilaali" jedhe!" <sup>2</sup>Yesuusis, "Gamoowwan gaarii kana ni ilaaltuu? Dhanaan kam iyyuu dhagaa irratti hin hafu, ni diigama malee."<sup>3</sup> Yeroo inni tulluu Ejersaa irra fuullee mana qulqullummaa taa'e, Pheexiroos, Yaaqob, Yohaannisii fi Indiriyaaasiin qoofniitti gaafate. <sup>4</sup>"Nuttu himi, Kun yoom ta'a? yeroo kun ta'uudhaaf jedhu mallattoo akkamiitu ta'a?"<sup>5</sup> Yesuus akka ittiin jechuutti ka'e, "eenyu illee akka isin hin gowwomsineef of eeggadhaa. <sup>6</sup>Baay'een maqaa kootiin dhufanii, 'Ani isa,' isaan garuu baay'ee isin gowwomsu.<sup>7</sup> Yeroo lolaa fi oduu lolaa dhageessan, hin sodaatinaa, kun ta'uutu irra jira, garuu dhumnii isaa amma iyyuu hin geenye. <sup>8</sup>sabni saba irratt ni ka'a, mootummaanis mootummaa irratti. Bakka hedduuttis sochiin lafaa ni ta'a, beellis akkasuma. Kun jalqaba miixuu da'umsaati.<sup>9</sup> "Of eeggadhaa. Isaan yaa'ii duratti isin dhiyeessu, yaa'ii duratti isin dhaanu. Isaan waa'e koof jedhanii abboota biyyaa fi mootota dura isin dhaabu. Kun dhugaa isinittti ni ba'a.<sup>10</sup> Garuu jalqaba saba hundumaatti wangeelli lallabamutu irra jira.<sup>11</sup> Isaan yeroo isin qaban, waan waa'ee dubbattaniif hin dhipatinaa. Yeroo sana, waanisin dubbatan isiniif ni kennama, kan dubbatu isin miti, hafuura qulqulluudha malee.

<sup>12</sup>Obboleessi dabarsee obboleessa isaa du'atti ni kenna, abbaanis mucaa isaa. Ijooleen maatii isaanii irratti ni ka'u, isaan ajjeesisuudhaaf. <sup>13</sup>Maqaa koof jettanii nama hundumaa biratti ni jibbamtu. Garuu hanga dhumaatti kan obsu, ni fayya.<sup>14</sup> "Inni jibbisiisaan iddo qulqull'aa xureessu sun, iddo isaa hin malle dhaabachuu isaa yeroo argitan namni kana dubbisu haa hubatu, warri Yihudaa jiran gara gaarotaatti haa baqatan. <sup>15</sup>Namni inni guutuu manaa irra jiru waa fudhachuudhaa gara manaatti gadi hin bu'in,<sup>16</sup> Inni oyiruu keessa jiru uffata isaa fudhachuudhaaf hin deebi'in.<sup>17</sup> Garuu guyyaa sana warra ulfia ta'aniif ijoollee guddisaniif wayyoo! <sup>18</sup>Akka inni yeroo gannaatti hin taaneef kadhadhaa.<sup>19</sup> Guyyooni sun guyyoota dhiphinaa waan ta'aniif, rakkinni akkasii erga Waqaqayyo biyya lafaa umee, jalqabee hanga ammaatti hin taane, deebi'ees hin ta'u.<sup>20</sup> Yoo Waqaqayyo guyyicha gabaabse malee, namni tokko iyyuu hin fayyu. Garuu warra fo'amaniif jedhee, warra inni fo'ate, guyyicha ni gabaabsa.<sup>21</sup> Kanaaf namni kam iyyuu yoo "Ilaalaa, Kiristoos as jira!" jedhan hin amaninaa. <sup>22</sup>Kiristoos warri sobduu fi raajonni waan ka'aniif, akkasuma isin gowwomsuudhaaf mallattoo fi dingii isin argisiisu, yoo dandaa'ame warra fo'aman illee.<sup>23</sup> Of eeggadhaa! Ani waanta kan dursee isinittti himeera.<sup>24</sup> "Garuu dhiphina guyyoota kanaa booda,<sup>25</sup> Urjoonnis waqa irraa ni harca'u, Humnoonni bantii waqa keessaa ni raafamu."<sup>26</sup> Isa booda utuu ilmni naa duumesa keessan humnaa fi ulfina guddaadhaaan dhufuu ni argu.<sup>27</sup> Isa booda, inni ergamoota isaa ergee, warra Waqaqayyoof fo'aman qixa arfanii, andaara lafaatii, andaara bantii waqaatis walitti ni qaba, jedhe.'aduun ni dukkanoofti, Jiiinis ifa ishee hin kennutu,<sup>28</sup> Muka harbuu irraa fakkeenyaa fudhadhaa. Dameen isaa quqquuqee baala yeroo biqilchu, bonni akka dhiyaate ni beektu.<sup>29</sup> Akkasuma, yeroo kun ta'u yeroo argitan, inni akka dhiyaate beekaa, gara balbalaatti akka dhiyaate.<sup>30</sup> Ani dhuguman isinittti hima, hanga waanti kun hundumtuu ta'utti dhaloonni kun hin darbu.<sup>31</sup> Waqaqayyo lafti ni darbu, garuu, dubbiin koo tasa hin darbu.<sup>32</sup> Garuu guyyaa yookaan yeroo sana ilaachisee, eenyu illee hin beeku, ergamoonni waqa keessaa illee, ilmis, abbaa qofaa malee.<sup>33</sup> "Dammaqaa! Ilaalaa, yoom akka ta'e waan hin beekneef.<sup>34</sup> Inni akka nama karaa adeemuuti, mana isaa warra hojjetootatti kennaa adeema, tokkoo tokkoo isaaniifis hojii ni kenna, akka inni balbala eegu dammaqaa ta'uufis ni abbooma.<sup>35</sup> kanaaf, abbaan manichaa yoom akka ddeebi'ee gara manaa dhufu, waan hin beekneef dammaqee ni eega. Tarii ganama ta'uu danda'a, halkan ta'uu danda'a, yeroo Indaaqqoon iyyu ganama barii.<sup>36</sup> Inni akka tasaa dhufe, utuu isin rafaa jirtanii akka isin hin argine.<sup>37</sup> waan an isiniin jedhe kana nama hundumaatti nan hima. Ilaalaa!"

## Chapter 14

<sup>1</sup>Amma yyaana Faasikaa fi ayyaana Maxinoo dura guyyaan lama hafee ture. Angafoonni lubootaa fi warri barreessotootaa akkaataa dhoksaadhaan itti Yesuusiin qabanii ajjeesan barbadaa turan. <sup>2</sup>Isaanis, “Yeroo ayyaanaa miti, akka saba gidduutti jeequmsi hin kaanetti.” Jedhan. <sup>3</sup>Utuu Yesuus Bitaaniyaa mana Simoon isa lamxii qabuu jiruu, utuu inni minjaala irra ta’uu, dubatiin tokko urgooftuu dibata makaa hin qabne, baay’ee gatiin isaa jabaa ta’e, hidda biqiltuu Naardo jedhamu irraa kan hojjetame, shurrubeetti qabattee dhufte, isheenin shurrubee sansa cabsitee, urgooftuu sana mataa Yesuus irratti naqxe. <sup>4</sup>Garuu, namoonni aaran immoo turaniiru. Isaan walii isaanii gudduutti haasa’anii, “hiikaan urgooftuu kana balleessuu maaloodha? Jedhan. <sup>5</sup>Urgooftun kun Diinaarii dhiibba lama caalaatti gurguramee, warra hiyyeessotaaf kennamuu ni danda’a ture.” Jedhanii ishee arrbsan. <sup>6</sup>Yesuus garuu, “ishee dhiisaa. Maaliif ishee dhiphiftu? Isheen waan gaarii anaaf hojjette. Jedhe. <sup>7</sup>warri hiyyeessotaan yeroo hundumaa isin gidduu jiru, kanaaf yeroo barbaadanitti isaaniif waan gaarii ta’e gochuu dandeessu, anaan garuu yeroo hundumaa of gidduutti ana hin argitan,” jedhe. 9 ani dhuguman isinitti hima, yeroo wangeelli guutummaa biyya lafaa keessatti lallabamu, waan dubartiin kun hojjette ni himama, yaadannoo isheetiif.” Jedhe. <sup>10</sup>Yiduaan inn Asqorotoichi, warra kudha lamaanii keessaa, dabarsee isa kenuudhaaf gara angafa lubootaa dhaqe. <sup>11</sup>Angafni lubootaas yeroo dhagaa’an, gammadanii qarshii isaaf kenuuf waadaa galaniif. Inni isa dabrsee kenuudhaaf carraa barbaadaa ture. <sup>12</sup>Guyyaa jalqabaa ayyaana maxinootti, yeroo isaan hoolaa faasikaa qalan, bartoonni isaa, “eessatti akka qopheessini barbaadda, akka nyaata ayyaanaa nyaattuuf?” jedhan. <sup>13</sup>Innis bartoota isaa lama ergee, “gara mandaraa dhaqaa, nanmi okkotee bishaanii baatu tokkos isinitti ni dhufa. Isa duukaas bu’aa. <sup>14</sup>mana inni itti seenus, duukaa seenaatii abbaa mana sanaan, “barsisaan, kutaan koo meerree, bakki ani bartoota koo wajjin itti faasikaa nyaadhu? “ jedhaa jedhe. <sup>15</sup>Inni kutaa isa gara olii miidhagaa fi qophaa’aa ta’e isnitti ni argisiisa. Achittis nuuf qopheessaa.” <sup>16</sup>bartoonnis dhiisanii gara magaalichaa dhaqan. Akkuma inni jedhettis waan hundumaa argan. Achittis faasikaa qopheessan. <sup>17</sup>Yeroo dhiyes, inni warra kudha lamaanii wajjin dhufe. <sup>18</sup>Utuu maaddiitti ta’anii nyaataniis, Yesuus, “Dhuguman isiniin jedha, warra anaa wajjin nyaattan keessaa tokko ana gana.” Jedhe. <sup>19</sup>Hundumti isaaniis ni gaddani, tokko tokkoonis, “anaaree?” jedhan. <sup>20</sup>Yesuusis deebisee, “warra kudha lamaanii keessaa, isa anaa wajjin qodaa ittoottii cuuphatuudha, <sup>21</sup>Ilma namaa akkuma waa’ee isaaf barreffamee ni ta’a. garuu waa’ee isa ilmi namaa karaa isaa darbarfamee kennamuuf wayyoo! Utuu hin dhalanne ta’ee isaaf wayyoo ture.” jedha. <sup>22</sup>Utuu nyaachaa jiraniis, Yesuus buddeen fuudhee, eebbisee, cabse. Isaaniifis kennee, “kana fudhadhaa, kun qaama kooti.” Jedhe. <sup>23</sup>Inni xoofoo fudhatee, galatteeffatee, isaaniifis kenne, hundumti isaaniis ni dhugani. <sup>24</sup>“Kun dhiiga kakuu kooti, dhiiga isa baayyeef dhangala’e. jedhe. <sup>25</sup>dhuguman isinitti hima, ani deebisee wayinii kanattii hin dhugu, hanga guyyaa sanaatti, mootummaa Waaqayyoo isa haaraatti.” Jedhe. <sup>26</sup>Erga faarfanna faarfatanii booda, gara gaara ejrsaatti ol ba’ani. <sup>27</sup>Yesuus, “Hundumti keessan na dhiiftu, barreffamee akkuma jiru, <sup>28</sup>Garuu ergan ka’ee booda, isin dura gara Galiilaan dhaqa.” Jedhe. Tiksee nan rukuta, hooltnis ni faca’u. <sup>29</sup>Pheexiroos, “yoo hundumtu si dhiisan, ani sin dhiisu.” Jedhe. <sup>30</sup>Yessuusis, “ani dhuguman siin jedha, har’a, eyyee, halkan kana, utuu Indaaqoon hin iyyin yeroo lama ana ganta.” Ittiin jedhe. <sup>31</sup>Pheexiroos garuu jabeessee, “Yoo sii wajjin du’uun ana irra jiraate, ani sin ganu.” Jedhe. Hundumti isaaniis waafaa wal fakkaatu seenan. <sup>32</sup>Isaan gara baka iddo Geetesemaanee jedhamu dhufan, Yesuusis bartoota isaatiin, “hangan kadhadtutti asuma turaa.” <sup>33</sup>Inni Pheexiroosiin, Yaaqobii fi Yohaannisiin fudhatee, dhiphachuu fi guddisee yaadda’uutti ka’e. <sup>34</sup>“Lubboon koo guddaa dhiphatteetti, hanga du’uatti illee. As turaatii ilaala.” isaaniin Jedhe. <sup>35</sup>Erga muraasa adeemee booda, Yesuus lafatti gadi gonbifamee kadhate, yoo dandaa’ame yeroon kun ana irra haa darbu jedhee. <sup>36</sup>Inni, “Yaa, abbaa, yaa abbaa, siin waanti hundumtuu ni dandaa’ama. Xoofoo kana ana duraa kaasi. Garuu fedha koo miti, kan kee malee.” Jedhe. <sup>37</sup>Inni deebi’ee dhufee utuu isaan rafanii arge, Pheexiroosiin, “Simoon, ni raftuu? Yeroo sa’atiit tokkoof illee dammaquu hin daneenyee?” <sup>38</sup>Dammaqaa, kadhadtutti, akka qormaatatti hin galletti jedhee. Hafuurri dammaqadha. Foonni garuu dadhabaadha.” Jedhe. <sup>39</sup>Ammas, dhaqee kadhate, jechuma wal fakkaatu gargaarame. <sup>40</sup>Ammas yeroo deebi’ee dhufe, rafanii isaan arge, inis itti ulfaatee ture. Isaan waan ittiin jedhan dhaban. <sup>41</sup>Innis yeroo sadaffaas dhufee, “amma iyyuu ni raftu, boqochaa jirtuu? Jedhe. Ni ga’aa! Yerichi ga’era. Ilaala! Ilmi namaa harka warra cubbamootaa keessatti ganamaara.” Jedhe. <sup>42</sup>Ka’aa, haa adeemnuu. Ilaala, inni ana ganu asuma jira.” Jedhe. <sup>43</sup>Utuu inni haasa’aa jiruu, Yihudaan, warra kudha lamaanii keessaa, achi ga’e, namoonni baay’eenis, isaa wajjin billaa fi bokkuu qabatanii dhufan, angafoota lubootaa biraa, warra barreessitoota biraa fi geggeessitoota biraa. <sup>44</sup>Amma egaa inni ganu kun mallattoo kenneef, “Namichi inni ani dhungadhu isa. Isa qabaatii eeggadgaa fuudhaatti sokkaa.” <sup>45</sup>Yihudaan yeroo ga’e, battaluma gara Yesuus dhufee, “Rabbi,” jedhee isa dhungate. <sup>46</sup>Isa booda isaan harka isa irra kaa’anii isa qaban. <sup>47</sup>Isaan keessaa tokko inni cina dhaabachaa ture, billaa isaa baasee gurra angafa lubaa irraa kute. <sup>48</sup>Yesuus, “akka nama saamtuu qabuutti, billaa fi bokkuu qabattanii ana qabuu

dhuftanii? Jedhe.<sup>49</sup> Yeroon guyyaa hundumaa isini bira turee fi mana sagadaa keessatti barsiisaa ture, isin ana hin qabne. Kun garuu akka caaffatni qulqull'aan fiixaan ba'uuf ta'e."<sup>50</sup> Warri Yesusii wajjin turan hundumtuu dhiisanii baqatan.<sup>51</sup> Dargaggessi tokko, uffata quncee talbaa tokko qofaa uffate, Yesuu duukaa bu'e. Namoonni yeroo isa qaban.<sup>52</sup> Uffata isaa sana gatee qullaas isaa baqate.<sup>53</sup> Isaan Yesuusiin gara angafa lubaatti geessan. Angafoota lubootaa, geggeessitootaa fi warra barreessitootaa hundumaa wajjin wal-ga'iin ture.<sup>54</sup> Pheexiroosis fageenya irraa isa hordofaa ture. Hanga mooraa mana angafa lubaatti. Inni warri geggeessitoota gidduu taa'e, abidda qaammachaa.<sup>55</sup> Egaa, angafoonni lubootaa fi guutummaan yaa'ii Yihuudotaa faallaa Yesuus, isa ajjeesuudhaaf dhuga ba'umsa barbaadan. Garuu hin arganne.<sup>56</sup> Warri kaan waa'ee isaatiif dhuga ba'umsa dharaa fidan. Garuu immoo dhuga ba'umi isaanii illee waliif hin galle.<sup>57</sup> kaan dhaabatanii sobaan isa irratti dhugaa baa'an,<sup>58</sup> Utuu inni "Mana qulqullummaa harkaan ijaarame kana nan diiga;; deebisee immoo hojii harkaa malee guyyoota sadii keessatti nan ijaara" jedhoo dhegeenyerra jedhan.<sup>59</sup> amma iyyuu dhuga ba'umsi isaanii waliif hin galle.<sup>60</sup> Angafni lubaa gidduu isaanii dhaabatee, Yesuusiin, "deebii qabdaa? Inni dhugaa srratti ba'amaa jiru kun maali?" jedhee gaafate.<sup>61</sup> Yesuus garuu callise, homaa hin dubbanne. Angafni lubaa sun ammas, "Ati Kristoosii, ilma isa eebbifamaa sanaa?" jedhe.<sup>62</sup> Yesuusis, "eyyee, utuu ilmni namaa mirga humna qabuu ta'uu ni argitu; duumessa waqaatiinis utuu dhufuu ni argitu." Jedhe.<sup>63</sup> Angafni lubaas uffata isaa tarsaasee, "amma iyyuu dhuga ba'umsa ni barbaanaa? Jedhe.<sup>64</sup> Waaqayyoon arrabsuu isaa dhageessaniittuu, egaa murtoon keessan maaliree?" jedhe. Isaan hundumti isaanii du'uun ni ta'aaf jedhanii ceepha'an.<sup>65</sup> Jarreen tokkos isatti tufan, ija isaa hidhanii rukutanii, "eenyuutu si rukute? Raajii keetiin nutti himi!" ittiin jedhu turan, warri eegdennis, isaan harkaa fuudhanii isa kakkabalan.<sup>66</sup> Utuu Pheexiroos oobdii keessa jiruu, durboota warra tajaajiltoota angafa lubaa keessaa gara isaa dhufte.<sup>67</sup> Utuu Pheexiroos abidda qammatuu argite, isheenis isatti siqxee ilaatee, "Atis Yesuus isa Naazireetichaa wajjin turte." Jette.<sup>68</sup> Inni garuu isa gane, "An isa hin beeku, waan isin waa'ee isaaf dubbachaa jirtanis hin beeku." Jedhe. Isa booda gara balbalaatti sokke. Indaaqqoonis ni iyye.<sup>69</sup> Muacaan durbaa isheen hojjettuu sun garuu, mmas isa argitee, warra achi dhaabatanii turaniin, "Namni kunis isaan keessa tokko." Jette.<sup>70</sup> Inni garuu ammas ni gane. Yeroo muraasa booda warri achi dhaabachaa jiran, Pheexiroosiin, "ati dhugaadhumaan isaan keessaa tokko, ati nama Galiilaati." Jedhan.<sup>71</sup> Inni garuu of abaruu fi kakachuutti ka'e, "ani namicha isin waa'ee isaa dubbattan kana hin beeku." Jedhe.<sup>72</sup> Indaaqqoon yeroo lammaffaaf iyyite. Isa booda Pheexiroso dubbii isa Yesuus itti himee ture yaafate. "Utuu Indaaqqoon hin iyyin, ati yeroo sadii ana gantan" isa inni jedhe. Kufees ni boo'e.

## Chapter 15

<sup>1</sup>Ganama barii, angafoonni luboota, warra geggeessitootaa, barreessitotaa fi guutummaan yaa'ii Yihuudotaa, wal ga'aan. Yesuusiinis qabani fuudhanii sokkani. Philaaxoosittis isa kennan. <sup>2</sup>Philaaxosis, "Ati mootii Yihuudotaatii?" jedhe. Innis, "Ati iyyuu jetteettaka," jedheee deebiseef. <sup>3</sup>Angafoonni lubootaas waan baay'eedhaan isa himataa turan. <sup>4</sup>Philaaxos amma "deebii qabdaa?" jedhee isa gaafate. Waantota meeqaan akka isaan si himatan ilaali! Jedhe. <sup>5</sup>Yeruu garuu kana caalaa Philaaxoosiif hin deebinfe, inni immoo isa dinqifate. <sup>6</sup>Amma, guyyaa ayyaana sana, Philaaxos nama hidhaman tokko gad ni dhiisaaf ture, hidhamaa isaan gaafatan. <sup>7</sup>Namni maqaan isaa Barabbaa jedhamu tokko, mormitoota yeroo mormii nama ajjeesan tokkoo wajjin mana hidhaa keessa ture. <sup>8</sup>Sabni sunis gara Philaaxos dhufanii, akka inni waan kanaan dura isaaniif godhe ture isaaniif hoijetuuq isa gaafatan. <sup>9</sup>Philaaxosis deebiseefi, "Akkan mootii warra Yihuudotaa isiniif gad dhiisuuf ni barbaadduu?" jedhe. <sup>10</sup>Inni waan angafoonni lubootaa jibba isaa irraan kan ka'e Yesuusiin isatti kennan beeka. <sup>11</sup>Angafoonni lubootaas, akka sabni sun iyyee qooda isaa Barabbaa gadi nuuf dhiisi, jedhuuf kakaasan. <sup>12</sup>Philaaxos amma irra deebi'ee, "egaa ani mootuu Yihuudotaa maal godhuree?" jedhe. <sup>13</sup>Isaan ammas iyyanii, "isa fannisi!" jedha. <sup>14</sup>Philaaxosis, "Inni maal maal hojjete?" jedhe. Isaan garuu irra deddeebi'anii iyyanii, "isa fannisi." <sup>15</sup>Philaaxos sab asana gammachiisuuudhaaf jedhee Barabaa gadi dhiis. Inni Yesuusiin reebree, aarsaattis dabarsee kenne. <sup>16</sup>Loltoonnis moora keessaa isa baasan (isa waajjira ol aanaa mootii ture), isaan garee loltootaa hundumaa waaman. <sup>17</sup>Isaan uffata dhiilgee Yesuusitti uffisan. Gonfoo qoraarriis hoijetanii mataa isaa irras kaa'an. <sup>18</sup>Isaan nagaa gaafatanii, "Attamiree, mootii Yihuudotaa!" <sup>19</sup>Uleedhaanis mataa isaa rukutanii, itti tufan. Jibeenfataniis fuula isaa duratti kufan. <sup>20</sup>Itti ga'isaniis, uffata isaa isa dhiilgee isa irraa baasanii uffata ofii isaanii isa irra buusani, isa booda gara isa fannisuutti geessan. <sup>21</sup>Namni tokko, Simum is Qareenaa, namni biyya (Inni abbaa Alekzaanderiyaa fi Ruufos), isaanis akka namni kun fanno isaa baatuuf isa dirqisiisan. <sup>22</sup>Loltooni gara bakka Golgootaa jedhamuutti Yesuusiin fidani (Hiikaan maqaa bakka kanaas, "bakka lafee mataa" jechuudha. <sup>23</sup>Isaani daadhii wayinii qumbiidhaan makame kennaniif, inni garuu hin dhugne. <sup>24</sup>Isaan erga isa fannisanii booda, warri loltootaa carraa irra buusani uffata isaa addaan qooddatani. <sup>25<sup>a</sup></sup>Yeroo isaan kana fannisan guyyaa keessaa sa'atii sadii ture. <sup>26</sup>Yakka inni ittiin himatame mulisudhaaf, "Mootii Yihuudotaa." Jedhanii barreessan. <sup>27</sup>Isaa wajjinis namoota saamota lama fannisan. Bitaa isaa fi mirga isatti. <sup>28<sup>b</sup></sup>Waari isa bira darban isa arrabsan, harka isaanii raasanii, "Eenyuudha kana kan mana qulqullummaa diigee, guyyaa sadii booda immoo ijaaru, <sup>30</sup>Ofii kee oolchiiti, fanno irraas gadi bu'i" ittiin jedhan. <sup>31</sup>Bifuma wal fakkatuun angafoonni lubootaas walii isaanii fi, warra barreessitootaa wajjin, itti ga'isaniii, "Inni warra kaan fayyiseera, ofii isaa garuu oolchuu hin dandeenye," <sup>32</sup>Kiristooos inni mootiin Isra'el mee fanno irraa gadi gaa ba'u, akka nuti arginee amanutti." Ittiin jedhan. Warri isaa wajjin fannifaman illee isa arrabsan. <sup>33</sup>Sa'atii ja'aa eegalee, hanga sa'atii sagalitti guutummaa lafaa irra dukkanni buufatee ture. <sup>34</sup>Sa'atii salgafkaatti Yesuus sagalee isaa ol fuudhee, "Elo'ii, Elo'ii, lamaa sabaktaanii?" jedhe. Innis yeroo hiikamu, "Waaqayyoo ko, Waaqayyoo ko, maaliif ana dhiifte?" jechuudha. <sup>35</sup>Warra isa bira dhaabatan keessaa kaan, "Ilaala, inni Eliyaasiin waamaa jira." Jedhan. <sup>36</sup>Namni tokko fiigee, wayinii dhangaggaa'aa, waan akka cumaatti kaa'ee mataa uleetti kaa'ee, akka inni dhuguud isaaaf kenne. Namichis, "Mee utuu Eliyas si oolchuu dhufuu ni ariginaka." Jedhe. <sup>37</sup>Yesuus yemmus, sagalee gudda dhageessisee du'e. <sup>38</sup>Golgaan mana qulqullummaas bakka lamaatti gubbaadhaa hanga godaatti tarsa'e. <sup>39</sup>Angafni dhibbaa inni dhaabatee ture, yeroo Yesuus bifa kanaan du'uus isaa arge, "Inni kun dhuguma ilma Waaqayyoottii" jedhe. <sup>40</sup>Dubartoonni fageenya irraa isa hordofaa turanis turaniiru. Isaan keessaa, Maariyaan ishee Magdalaa, Maariyaan ishee (haadha Yaaqobii fi isa quxisuu kan Yosees), <sup>41</sup>Isaan yeroo inni Galilaa ture isa duukaa ba'anii isa taajaajilan. Akkasuma dubartoonni baay'een isaa wajjin gara Yerusaalem dhufaniiru. <sup>42</sup>Yeroo dhi'es, waan guyyaa qophee turee, inni guyyaa isa sanbata duraa, <sup>43</sup>Yoosef namni Armaatiyaas achi dhufe. Inni miseensa yaa'ii, kabajamaa isa mootummaa kabajamaa Waaqayyoo eeggachaa tureedha. Inni ija jabinaan gara Philaaxos dhaqee, reefa Yesuus gaafate. <sup>44</sup>Philaaxos du'uus Yesuus ni dinqifate. Inni angafa dhibbaa sana waamee yoo Yesuus du'eera ta'e gaafate. <sup>45</sup>Philaaxos yeroo akka Yesuus du'e angafa dhibbaa sana irraa adda baafate, reefa isaa Yooseff kenne. <sup>46</sup>Yooseffis, wayyaa quncee talbaa irra hoijetame bite. Isas fanno irraa buusee, uffata sanaanis mare, awwaalcha keessa kaa'e, isa dhagaa irraa murame. Isa booda dhagicha gara balabala awwalichaatti gara galche. <sup>47</sup>Maariyaan isheen Magdalaa fi Maariyaan isheen haadha, Yosees bakka Yesuus itti awwaalame arganiiru.

## Chapter 16

<sup>1</sup>Yeroo guyyaan torbaffaan dhume, Maariyaam isheen Magdalaa, Maariyaam haati Yaaqobii fi Saloomeen, urgoofuu bitanii ittiin qaama Yesuus dibuuf jedhan. <sup>2</sup>Ganama barii jalqaba torbanii, yeroo isaan lafa awwaalichaa dhaqa aduuun baate. <sup>3</sup>Akkasis waliin jedhan “Eenyutu balbala awwaalichaa irraa dhagicha nuuf gara galcha?” jedhan. <sup>4</sup>Isaan yeroo ol ilaalan, dhagicha irraa gara galee argan, innis guddaa ture. <sup>5</sup>Isaanis gara awaalichaatti seenanii, dargaggeessa uffata adii uffate tokko, karaa mirgaa ta’ee arganii na’an. <sup>6</sup>Innis, “Hin na’inaa. Isin Yesuus nama Naazireet barbaadduu, isa fannifame. Inni ka’eera! Inni as hin jiru. Bakka inni kaa’amee tures ilaala. <sup>7</sup>garuu dhaqaatii, bartoota isaa fi Pheexiroositti himaa, “Inni isin dursee gara Galilaa ni dhaqa, achistis isa ni argitu, akkuma inni isiniti himee ture” ittiin jedhe. <sup>8</sup>Isaanii fiiganii awwalicha keessaa baa’anii fiigan, ollataniis dingifatan. Isaan sodatanii waan turaniif nama tokkotti illee homaa hin dubbanne. <sup>9</sup>[jalqaba guyyaa torbaniitti, erga ka’ee booda, jalqaba Maariyaam ishee Magdalaa ishee seexana torba keessaa baasetti mul’ate]. <sup>10</sup>Isheenis dhaqxee warra isaa wajjin turanitti himte, utuu isaan gaddaa fi boo’uuutti jiranii. <sup>11</sup>Isaanis akka inni lubuun jiruu fi isheenis immoo argite ni dhagaa’an, garuu hin amanne. <sup>12</sup>Waantota kana booddee, inni bifa kan biraadhaan isaan keessa lamatti mul’ate, utuu isaan magaalaa keessaa ba’anii. <sup>13</sup>isaanii deebi’anii dhaqanii warra kaanitti himan, isaan garuu isaaniin hin amanne. <sup>14</sup>Yesuus booda immoo, warra kudha lamaaniitti mul’ate, utuu isaan maaddiiti ta’anii, innis amanuu diduu isaanii fi gara jabina isaaniif isaan ifate, sabaiin isaa isaan warra erga inni du’aa ka’e isa argan hin amanne. <sup>15</sup>Innis, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, uumama hundumaattis wangeela lallabaa. <sup>16</sup>namni amanee fi cuuphame ni fayyaka, kan hin amanneetti garuu ni faradama.. <sup>17</sup>mallattoon kun warra amanii wajjin ni ta’a, isaan maqaa kootiin seexanoota ni baasu, afaanota haaraa ni dubbatu. <sup>18</sup>harka isaaniitiin bofa ni qabu, yoo waan nama ajjeesu dhufanis, isaan hin miidhu. Dhukkubsataa irra harka isaanii ni kaa’u, isaanis ni fayyu.” Jedhe. <sup>19</sup>Gooftaan Yesuus erga isaanitti dubbatee booda, gara waaqa keessatti ol fudhatamee gara mirga Waaqayyoos taa’e. <sup>20</sup>Bartoonnis dhaqanii bakka hundumaatti wangeela lallabani, gooftaan isaanii wajjin hojjeteet, dubbichas mallattoon isaanii mirkaneessuu.

## Luke

## Chapter 1

<sup>1</sup> Namoonni hedduun wantoota nu gidduutti raawwatamaa turanii kanneen dabarsanii warra kaaniin ga’uudhaaf yaalaniiru; <sup>2</sup> keessumattuu wanseen kanneen warri ija isaaniiiti argan, warri hojjetootaa fi dhugabaatota dubbichaa turan duraan dursanii nuuf lafa kaa’anii turan. <sup>3</sup>Anis immoo jalqabuma irraa eegalee dhugabaatuu dubbii kanaa waanan tureef, toora qabsiisee siif barreessun barbaachisaa ta’ee natti mul’ateera, yaa ulfaataa Tewofilos! <sup>4</sup>kunis immoo dubbii barsiifamte kana atis dhugaa ta’uu isaa akka ati hubattee amantuufi. <sup>5</sup>Bara Herodis mootichi biyya Yihuudaa bulchaa turetti, qomoo warra Abiyaa keessa lubni maqaan isaa Zakkaariyas jedhamu tokkotu ture; 5 In the days of Herod king of Judea there was a certain priest named Zechariah from the division of Abijah; haati warraan isaa Elsaabexis qomoo Aroon keessaa kan turtee dha. <sup>6</sup>Lamaan isaanii iyyuu Waaqayyo duratti mudaan tokko male deddeebi’aa abboommotaa fi seera Gooftaa eegaa kan jiraatan qajeelota turan. <sup>7</sup>Garuu Elsaabex da’uu kan hin dandeenye waan tureef dhala hin qaban turan; umuriin isaanis dheeratee ture. <sup>8</sup>Amma dabareen Gooftaa duratti dhi’aatani tajaajiluu Zakkariyaasiin geenyaan, inni hojii lubummaa raawwachuu dhaaf ni dhi’ate. <sup>9</sup>Akka hojimaata luba tajaajila kenu filachuu yeroo sana tureetti, inni aarsaa gubamu dhi’eeessuudhaaf carraan isatti baanaan gara mana qulqullummaatti ol seene. <sup>10</sup>Yommuu aarsaan gubamu dhi’eeffamaa turetti, murni uummataa hedduun bakkee dhaabbataa ture. <sup>11</sup>Yeruma sanatti ergamaan Waaqayyo isatti mul’atee, bakka ittiixaanni aarfamu gara mirgatiin dhaabatee. <sup>12</sup>Zakkaariyas yommuu ergamicha argetti, naasuudhaan soda keeessa seene. <sup>13</sup>Ergamichi garuuakkana isaan jedhe, “hin sodaatin, yaa Zakkaariyas, kadhanan kee siif dhaga’ameeraati. Haati warraan kee Elsaabex ilma siif ni godhatti. Atis maqaan Yohaannis jedhamutti isa ni moggafta. <sup>14</sup>Ati guddaa ni gammadda, namoonni hedduunis dhalachuu isaatti ni gammadu. <sup>15</sup>Sababii inni fuula Waaqayyo duratti guddaa ta’uuuf. Inni daadhii wayiniitii fi dhugaatii nama macheessu tasa hin dhugu, gara haadha isaatti keessatti eegalee Hafuura Qulqulluudhaan ni guutama. <sup>16</sup>Dhaloota Israa’el keessaa hedduun gara Waaqayyo Gooftaa isaaniiiti ni deebi’u. <sup>17</sup>Inni hafuuraa fi humna Eliyas raajichi qabaataa tureen fuula Waqayyo dura ni deddeebi’u, yaada abbootaa fi kan ijoollotaa walitti ni deebisa, warra hin abboomaman turanis gara qajeelinaatti isaan ni fida-saba Gooftaa qophaa’oo akka isaan ta’aniif ni godha.”<sup>18</sup>Zakkaariyas ergamichaanakkana jedhe, “Kana akkamittan beeka? Anis haati warraa koos umuriin keenya

dheerateera." <sup>19</sup> Ergamichis deebiseeakkana ittiin jedhe, "Ani Gabrieel isa fuula Waaqayyoo dura dhaabatuu dha. Akkan sitti dubbadhuuf, oduu gammachiisaa kanas akkan sitti himuuf ergameen dhufe. <sup>20</sup> Hubadhu! Hanga wanti dubbatame kun raawwatamutti dubbachhuu kaaan hin dandeenye ni taata. Kun immoo kan inni ta'uuf, ati waanan sitti hime nan hin amanne, inni garuu yeroo isaa eegee ni raawwatama" <sup>21</sup> Yeroo kana hundumaatti namoonni Zakkaariyaasiin eegaa turan, mana qulqullummaa keessa maaliif hanga kana waan inni tureefis ni ajaa'ibsiffatan. <sup>22</sup> Inni garuu yommuu gadi ba'u isaanitti dubbachuu hin dandeenye. Isaanis akka inni yommuu mana qulqullummaa keessa ture akka inni mul'ata argee ture ni hubatan. Inni mallatoodhaan isaanitti argisiisuu malee homaa isaanitti dubbachuu hin dandeenye. <sup>23</sup> Yeroon darabee tajaajila isaatii raawwannaan, Zakkaariyas gara mana isaatii deeme. <sup>24</sup> Guyyoota kanneen booddee, haati waraa isaa Elsaabex ulfooftee ji'oota shaniif mana ishee keessaa utuu hin ba'in teesse. Isheenakkana jette, <sup>25</sup> "Kun waan Gooftaan ceephoo ana irra ture ana irraa kaasuudhaaf fuula ifaadhaan ana ilaaee dha." <sup>26</sup> Ji'a ja'affaatti, ergamaan Gabrieel gara magaalaa Naazireet jedhamtu ishee Galilaa keessa jirtuutti ni ergame, <sup>27</sup> kan inni ergames qomoo Daawit keessaa kan ta'e nama Yoseef jedhamee beekamu tokkoof kaadhimatamtee kan turte gara durbee Maariyaam jedhamtuu tokko ture. <sup>28</sup> Ergamichis gara ishee dhufeeakkana ittiin jedhe, "Nagaan siif haa ta'u, ati hedduu jaallatamatteetta! Gooftaanis si waliin jira." <sup>29</sup> Isheen garuu bitaa itti galee jechi isaatii fi nagaanakkasi maal akka ta'e ni ajaa'ibsifatte. <sup>30</sup> Ergamichisakkana isheedhaan jedhe, "Yaa Maariyaam, hin sodaatin, Waaqayyo biraayaana argateetaa. <sup>31</sup> Argitaa, ati ulfooftee ilma da'uudhaaf jirta. Maqaa isas 'Yesuus' jettie ni moggaafat. <sup>32</sup> Inni immoo guddaa ni ta'a, Ilma Waaqa isa hundumaa ol jiruu jedhamee ni waamama. Waaqayyo Gooftaanis teessoo abboota isaatii kan Daawit ni kennaf. <sup>33</sup> Inni bara baraan teessoo Yaaqob irratti ni mo'a, mootummaan isas daangaa hin qabaatu. <sup>34</sup> Maaryamis ergamichaanakkana jette, "Kun akkamitti ta'a, ani hanga ammaatti dhiiraan wal bira hin geenyee?" <sup>35</sup> Ergamichis deebiseeakkana isheedhaan jedhe, "Hafuurri Qulqulluun si golbooba, humni inni hundumaa ol jiruus si marsa. Kanaafuu inni qulqulluun dhalachuuf jiru sun Ilma Waaqayyoo jedhee ni waamama. <sup>36</sup> Argitaa, fira kee isheen taate Elsaabexis bara dulluma ishee keessa mucaa ilmaa ulfooftee jirti. Isheen dhabduu jedhamtee waamamaa kan turte, amma erga ulfooftee ji'a ja'affaa ishee ti. <sup>37</sup> Waaqayyoof kan hin danda'amne waan hin jirreef." <sup>38</sup> Maariyaamisakkana jette, "Argitaa, ani garbittii Waaqayyoo ti. Akkuma ati jette kana naaf haa ta'u." Achumaan ergamichi ishee dhiisee deeme. <sup>39</sup> Achumaan Maariyaam kaatee arriitiidhaan gara biyya gaarotaa magaalaa Yihuudaa jedhamuu ni deemite. <sup>40</sup> Isheen gara mana Zkkaariyas deemtee Elsaabexiin dubbifte. <sup>41</sup> Akkuma Elsaabex nagaa gaaffii maariyaam dhageesseen, mucaan garaa ishee keessa ture ni utaale, Elsaabexis Hafuura Qulqulludhaan ni guutamte. <sup>42</sup> Isheenis sagalee guddadhaan iyyiteeakkana jette, "Ati dubartoota giddiudhaa eebbfamtuu dha, firiin gadameessa kee keessa jirus eebbfamamaa dha. <sup>43</sup> Haati Gooftaa kootii gara koo akka dhuftu maaliif ta'e? <sup>44</sup> Akkuma nagaan kee gurra koo seeneen, mucaan gadameessa koo keessa jiru gammachuudhaan ni utaale. <sup>45</sup> Abdiiisa Gooftaa biraakennname beektee lubbuun amantu hedduu kan eebbfamtee dha. <sup>46</sup> Maariyaamakkana jette, "Lubbuun koo Waaqayyoon kabajji, <sup>47</sup> hafuurri koos Waaqayyo Fayyisaa kootti ni gammaddi. <sup>48</sup> Inni haala garbittiiisaatii ilaaleeraatii. Kanaafuu, dhalooni hundumtuu eebbfamittii jedhanii na waamu. <sup>49</sup> Inni hundumaa danda'u inni maqaan isaa qulqulluu ta'e waan guddaa naaf godheeraatii. <sup>50</sup> Warra isa sodaataniif araarri isaa bara hanga baraatti ni jraata. <sup>51</sup> Inni irreeisaatiin jabina argisiiseera; warra yaada garaa isaaniitti of-tuulummaanisaanitti dhaga'amu inni isaan facaaseera. <sup>52</sup> Inni warra mootota ta'an teessooisaanii irraa gadi darbateera, warra gadi deebi'oo immoo ol kaaseera. <sup>53</sup> Inni warra beela'an waan gaariidhaanisaan guutera, warra dureeyyiigaruu harka duwwaa isaan hambiseera. <sup>54</sup> Inni Israa'el garbichaaisaatiif gargaarsa godheera, Araara itti argisiissuuyaadachuudhaaf <sup>55</sup> (abboota keenyatti dubbatee akka turetti) Abrahaamii fi ijoollee ijoolleeisaatiifbara baraan. <sup>56</sup> Maariyaam ji'oota sadii Elsaabexiin bira ergaturtee booda, gara mana isheetiit ni deebite. <sup>57</sup> Yeroon da'umsa isheetiyyommuu ga'Elsaabex mucaa ilmaani deesse. <sup>58</sup> Olloonni isheetiif fironni ishee akka Gooftaanaraara isheetiif argisiise yommuu dhaga'anitti, ishee waliini gammadan. <sup>59</sup> Guyyaa ja'affaan yommuu ga'etti mucicha kittaanuudhaaf ni dhufan. Isaan maqaaabbaa isaatii "Zakkaariyas" jedhanii moggaasuudhaaf turan. <sup>60</sup> Haati isaa garuuakkana jettee yaada kennite, "Lakkii. Inni Yohaannis jedhamaa." <sup>61</sup> Isaanakkana isheedhaan jedhan, "Qomoo keessankeessa namniakkana jedhamee beekamu hin jiru." <sup>62</sup> Abbaanisaasmaqaanmucicha enyuunakkata'u fedha isaa gaafachuudhaaf mallatoodhaan ni gaafatan. <sup>63</sup> Abbaanisaas waan irratti barreessanakkadhi'eesaniiif gaafateeakkana jedhee irratti barreesse, "Maqaan isaa Yohaannis." Hundumtiisaaniiisa kana ni ajaa'ibsifatan. <sup>64</sup> Yommusumas afaan isaa banameeffi arrabniisaas ni hiikame. Innisdubbatee Waaqayyoongalateeffate. <sup>65</sup> Namoota isaan waliin jiraatan hundumaa sodaan ni qabate. Dubbiin kun hundumtuu Yihuudaa biyya ishee gaara gubbaajirtubakka hundumaatti ni faca'e. <sup>66</sup> Warri dhaga'an hundumtuusdubbicha yaada garaa isaaniikeessattiqabataniiakkana jedhan, "Egaa mucaan kun maal ta'uf jira ree?" Harki Waaqayyooisa waliinjira woo. <sup>67</sup> Abbaan isaa Zakkaariyas Hafuura Qulqulluudhaan guutamee,akkana jedhee dubbachuu eegale, <sup>68</sup> "Ulfinni Gooftaadhaaf haa ta'u, Waaqa Israa'eliif, waan inni gargaarsaaf gara keenya dhufee fi saba isaa gidduuttis hojii fayyisuu isaatii waan

raawwateef.<sup>69</sup> Fayyisuu isaatiin gaanfa keenya ol nuuf fuudhe mana Daawit garbicha isaatii keessatti<sup>70</sup> (bara dheeraaa duraa jalqabee akkuma afaan raajota isaatiitiin dubbatee turee),<sup>71</sup> diinota keenyaa fi harka warra nu jibbanii keessaa fayyinaan nu baase.<sup>72</sup> Inni abboota keenyatti araara argisiisuudhaa fi Kakuu isaa yaadachuuudhaafis isa kana ni raawwata,<sup>73</sup> kakuu isaa isa abbaa keenya Abrahaamiif kakate.<sup>74</sup> Nuyi warri harka diinaa keessaa bane, akka soda tokko malee isa tajaajilluuf inni nuuf kakateera,<sup>75</sup> bara keenya hundumaas qulqullinaa fi qajeelummaadhaan akka deddeebinuuf.<sup>76</sup> Eeyyee, atis yaa mucaa nana, raajii isa Hundumaa Ol jiruu jedhamtee ni waamamta, fuula Gooftichaa dura karaa isaaf qopheessaa waan adeemtuuf,<sup>77</sup> saba isaatiifis beekumsa fayyinaa kennuufiidhaan dhiifamuu cubbuu isaanii akka argatan wan gootuuf.<sup>78</sup> Kun kan inni ta'uuf sababa araara gara laafina Waaqayyoo irraa madduun, sababa kanaatiif warra dukkana keessaa fi gaadidduu du'aa jala jiraataniif<sup>79</sup>. aduun ba'a biiftuutii kaatee nu gargaaruuf ni dhufti. Kan inni kana godhuufis miillota keenya gara karaa nageenyaatti qaaueelchuudhaafi.<sup>80</sup> Achumaan mucichis guddachaa, hafuuraanis jabaachaa ni adeeme, hanga ifatti saba Israa'elitti mul'atuttis bakka onaa keessa ni jiraate.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Bara sana keessa Awugustos Qeesaar mootiin namoonni addunyaa irra jiran hundumtuu akka galmaa'aniif labsii baase. <sup>2</sup> Bara Qeriniwoos bulchaa Sooriyyaa turetti lakkofsi uummataa kun isa jalqabaa ture. <sup>3</sup> Kanaafuu namni hundinuu galmaa'uudhaaf gara gara magaalaa ofii isaatiitti deebi'e. <sup>4</sup> Yoseefis qomoo hidda Daawit keessaa waan tureef, Galilila ishee magaalaa Nazireet taatee ke'ee gara Yihuudaa, ishee magaalaa Daawit jedhamtee beekamtuu, Betelihemis kan jedhamtuu, adeeme. <sup>5</sup> Inni galmaa'uudhaaf yommuu deemetti kaadhimaai isaa Maariyaamiin, ishee ulfa turtes fudhatee deeme. <sup>6</sup> Utu isaan bakka sana jiraniis yeroo n da'umsa Maariyaam ni ga'e. <sup>7</sup> Isheenil ilma ishee isa angafa deessee, wayyaa itti martee siree beyiladni keessaa nyaattu irra ni ciibsite, sababii bakka sanaa iddo ciisichaa hin argatiniif. <sup>8</sup> Bakka sana immoo tiksoonni halkan sanatti beeyilada sana eegan turaniiru. <sup>9</sup> Ergamaan Gooftaa isaanitti mul'atee, surraan Waaqayyoo isaan marsinaan, isaan soda guddaa keessa seenan. <sup>10</sup> Ergamtichis akkana isaanitt jedhe, "Hin sodaatinaa, ani nama hundumaaf kan ta'u gammachuu isiniti himuudhaaf dhufeeraatii. <sup>11</sup> Har'a magaalaa Daawit keessatti Fayyisaan isiniif dhalateera! Innis Kirstoos Goofticha! <sup>12</sup> Mallatoon kunis isiniif ni kennama: mucaa wayyaadhaan maramee bakka beeyiladni keessaa nyaatan kan ciisu ni argitu. <sup>13</sup> Battaluma sanatti tuutni guddaan waaqa irraa ertamicha waliin mul'atee, akkana jechuudhaan Waaqayyoon galateeffate, <sup>14</sup> "Galanni Waaqayyoof waaqa irratti, Lafa irrattis nagaan, Namoota warra inni itti gammde gidduuttis jaalalli haa baay'atu." <sup>15</sup> Ergamoonni kunnene isaan dhiisanii gara waaqaatti erga ol ba'anii, tiksoonni akkana waliin jedhan, "Kottaa gara Beeteliheemitti ol baanee waan Gooftaan nutti mul'ise kana haa ilaalluu." <sup>16</sup> Ariitiidhaan gara sana yommuu deemanitti Maariyaam, Yoseefi fi mucicha, isaa bakka beeyiladni irraa nyaatan irra ciisuus ni argan. <sup>17</sup> Erga isa arganii boodas, waa'ee mucichaatiif waan isaanitti himamee ture ni beeksisan. <sup>18</sup> Warri kana dhaga'an hundumtuus waa'ee waan tiksoonni sun isaanitti himanii ni ajaa'ibsifatan. <sup>19</sup> Maariyaam immoo callistee waan dhaga'aa turte hundumaa irratti yaaddi turte, yaada garaa isheetti keessatti isaan qabattee. <sup>20</sup> Tiksoonni sunis waan akkuma isaanitti himamee ture sana waan arganii fi waan dhaga'niif Waaqayyoon eebbisaa fi galateeffachaa gara bakka hojii isaanitti deebi'an. <sup>21</sup> Guyyaa sadettafaan geenyaan, yommuu inni kittaaname, akkuma utuu inni garaa haadha isaatii keessatti hin uumamin ergamichi Waaqayyoo jedhee turetti, maqaan isaa Yesus jedhame. <sup>22</sup> Akka seera Museetti yeroon qulqulleeffamuu isaanii yommuu raawwatetti, isaan Gooftaa duratti isa dhi'eessuudhaaf, gara mana qulqullummaa isaa Yeruusaalem jirutti isa ni fidan. <sup>23</sup> Akkuma seera Goofticha keessatti barreeffamee jirutti, "Ilmi gara-saaqiin hundumtuu Gooftaadhaaf adda baafama." <sup>24</sup> Haaluma kanaan, seera Goofticha keessatti, "gugee lama yookaan guchii sosokkee lama" jedhamee akkuma jirutti, aarsaa ni dhi'eessan. <sup>25</sup> Kunoo, namni maqaan isaa Simoon jedhamu tokko Yeruusaalem keessa ture, innis nama qajeelaadhaa fi amantii isatta cimaa ture. Jajjabina Israa'elis eeggataa nama turee dha; Hafuura Qulquluun isattu mul'isee ture. <sup>26</sup> Utuu inni Kiristoos isaa Fayyisaan utuu hin argin akka inni hin dune Hafuura Qulquluun isattu mul'isee ture. <sup>27</sup> Hafuurichaan geggeeffamee, Simoon gara mana qulqullummaa ni dhufe. Akka amala seerichaatti warri isaa Yesuusiin fudhatanii yommuu ol seenan, <sup>28</sup> inni mucicha of fuudhee baatee Waaqayyoon galateeffate, akkanas jedhe, <sup>29</sup> "Amma garbichi kee nagaadhaan haa boqotu, yaa Gooftaa, akkuma dubbattee turtetti. <sup>30</sup> Ijji koo fayyisuu kee argeeraatii, <sup>31</sup> isaa ati ija namoota hundumaa duratti qoopheessite: <sup>32</sup> Ifa warra Ormootaatti mul'atee fi kabaja saba Israa'eliif." <sup>33</sup> Abbaanii fi haati isaaF waa'ee isaatif waan dubbatame ni ajaa'ibsifatan. <sup>34</sup> Simoonis isaan eebbisaa Maariyaam haadha mucichaatiin immoo akkana isheedhaan jedhe, "Dhaga'i, mucaaun kun Israa'el keessatti kufaatiidhaa fi ol ka'umsa namoota hedduutiif muudameera, mallattoo isa tuffatameefis—<sup>35</sup> eeboonis lubbuu kan kee ni waraana—yaadni garaa namoota hedduu keessa jiru akka mul'atuuf." <sup>36</sup> Raajittiin Annaa jedhamtu tokkos achi turte. Isheen intala Faanu'eel isaa qomoo Asheer keessa turee ti. Isheen bara ishee keessa nama guddoo turte. Durbummaa ishee boodas abbaa warraa ishee waliin waggoota torbaaf jiraatteetti, <sup>37</sup> waggoota saddetamii saddetiif immoo nama abbaa warraa hin qabne turte. Isheen takkumaa mana qulqullummaa keessaa utuu hin dhibamin halkanii fi guyyaa soomaa fi kadhannaadhaan ni tajaajilti turte. <sup>38</sup> Battaluma sanattis isheen bakka isaan jiranitti dhi'aatte Waaqayyoon galateeffate, namoota warra fayyifamuu Yeruusaalem eegachaa turan hundumaattis waa'ee mucicha isaanitti himte. <sup>39</sup> Akka seera Gooftichaatti wanneen isaan irraa eegamu erga xumuranii booda, isaan gara Galilila, gara magaalaa ofii isaanii gara Naazireetitti ni deebi'an. <sup>40</sup> Mucichis guddatee nama jabaa ta'e; inni nama ogummaadhaan guutee fi ayyaanni Waaqayyoo nama isaa irra buufate ture. <sup>41</sup> Warri isaa wagga waggaadhaan Ayyaana Faasikaa kabajuudhaaf gara Yeruusaalem ni demu turan. <sup>42</sup> Yommuu inni nama wagga kudha-lamaa ta'utti, isaan ayyaanicha isaa baratame sana kabajuudhaaf ammas yeruma isatta ol ba'an. <sup>43</sup> Guyyoota turuun isaan irra jiru ayyaanicha kabajaa erga turanii booda, gara mana isaanitti deebi'uue eegalan. Yesus mucichi garuu Yeruusaalemitti isaan biraahafe hennaa ta'u isaan isaa kana hin beekne turan. <sup>44</sup> Akka inni tuuta kan biraahafe hennaa tureetti yaaduudhaan karaa guyyaa tokkoo ni deeman. Kana booddee, firootaa fi

hiriyoota isaanii gidduu isa barbaaduu eegalan.<sup>45</sup> Argachuu waan hin danda'iniif gara Yeruusaalemitti deebi'anii achi keessa isa barbaaduu eegalan.<sup>46</sup> Guyaa sadaffaattis mana qulqullummaa keessatti utuu inni barsiisota gidduu taa'ee isaan dhaggeeffatuu fi gaafffi isaan gaafatu isa ni argatan.<sup>47</sup> Namoonni isa dhaga'an hundumtuu hubannaadhaa fi deebiwwan inni kennaat ture ni ajaa'ibsiiifatan.<sup>48</sup> Warri isaas yommuu isa argatan, ni ajaa'ibsiiifatan. Haati isaa immoo akkana isaan jette, "Gurbaa, maaliif akkas nu goote? Ilaali, abbaan keetii fi ani dhimmamnee si barbaadaa turre."<sup>49</sup> Inni garuu akkana isaaniin jedhe, "Maaliif na barbaaddu? Akkan hojii Abbaa kootii hojjedhu hin beektan moo?<sup>50</sup> Garuu jechoota kanneeniin maal jechuu isaa akka ta'e isaan hin hubanne.<sup>51</sup> Kana booddee inni isaan waliin gara Naazireetitti deebi'ee isaaniif abboomamuu itti fufe. Haati isaa wanneen kana hundumaa garaa ishee keessa ni kaawwatte.<sup>52</sup> Yesuus garuu hubannaadhaa fi qaamaan guddachuu isaa ittuma fufee, Waaqayyoo fi namoota durattis fudhatama ni argate.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Bara mootummaan Xiberiyus Qeesaar waggaa kudha-shan guutee—Phontiyus Philaaxos immoo bulchaa Yihuudaa turetti, Heroodis Galilaa irratti, obboleessi isaa Philiphoos naannoowwan Ixuriyaa fi Xirakoonitisitti, akkasumas Liisaaniyaas Abiliiniyaatti bulchitoota turan,<sup>2</sup> bara Hanaaniyaasi fi Qayyaafaan angafoota luboota turanitti—sagaleen Waaqayyoo lafa onaa keessatti gara Yoseef ilma Zakkaariyaas ni dhufe.<sup>3</sup> Innis dhiifamuu cubbuu argachuudhaaf waa'ee qalbii jijiirranna cuuphaa lallabaa kutaa biyyaa naanno Yordaanos jiran hundumaa ni deeme.<sup>4</sup> Akkuma afaan Isaayyaas raajichaatiin dubbatamee kitaaba keessattiakkana jechuudhaan barreeffametti, "Sagaleen nama tokkoo lafa duwwaa keessatti utuu iyee dubbatuu, 'Karaa Gootichaa qopheessaa, Daandii isaas qajeelchaa.<sup>5</sup> Dachaan hundumtuu haa guutamu, Tabbii fi gaarri hundinuus gadi haa jedhu, Daandii jajallaanis haa qajeelfamu, Karaan inni hin tolinis haa tottolfamu,<sup>6</sup> dhaloonti hundumtuus fayyisuu Waaqayyoo arguudhaaf jiraatii."<sup>7</sup> Achumaan Yohaannis uummataa cuuphamuudhaaf gara isaa dhufaa ture sanaanakkana ittiin jedhe, "Isin ilmaan bofaa! Dheekkamsa isa dhufuudhaaf jiru jalaa akka ofkaltaniif eenyutu isin gorsee?<sup>8</sup> Kanaafuu, qalbii jijiirrachuu keessan mul'isuudhaaf ija godhadhaa,akkana ofiin jechuu keessanis dhiisaa, 'Nuyi abbaan keenya Abrahaam,' sababiin isaaas Waaqayyo Abrahaamiif dhagoota kanakeessaa ijoollee kaasuudhaaf jiraatii.<sup>9</sup> Ammuma ilee qottoo hundee mukaa irra jiraa. Kanaafuu mukni ija gaarii hin godhane murmuramee gara ibiddaatti ni darbatama.<sup>10</sup> Achumaan uummanni achi true sunakkana jechuudhaan isa gaafachuu itti fufe, "Egaa maal gochu qabna ree?"<sup>11</sup> Innisakkana jechuudhaan isaanif deebise, "Namni inni qomee lama qabu isa tokko iyyu hin qabneef isa tokko haa kennu, , namni inni waan nyaatu qabus akkanuma haa godhu."<sup>12</sup> Warri ashuuraa funaananis cuuphamuudhaaf dhufanii, isaan immooakkas jedhaniin, "Yaa barsisaa, nuyi maal gochuu qabna?"<sup>13</sup> Innisakkana isaanin jedhe, "Mahaallaqa akka funaantaniif abboonamtan gararraa nama iraa hin fuudhinaa."<sup>14</sup> Warri raayyaa waraanaa keessaa ta'an tokko tokkosakkana jechuudhaan isa gaafatan, "Waa'ee keenya woo maal jetta? Maal gochuutu nu irraa eegama?"<sup>15</sup> Inniakkana isaanin jedhe, "Eenyuma irraa illee humnaan horii hin fudhatinee, eenuun illee sobaan hin himatinnaa. Mindaan isin argattan isin haa ga'u."<sup>16</sup> Amma egaa namoonni dhufaatii Kiristtos hawwiidhaan eeggachaa waan turaniif, hundumtuu garaa isaanii keessatti waa'ee Yohaannis ajaa'ibsifataa turan, inni Kiristoosiintaa'innaa jechuudhaan.<sup>17</sup> Yohaannis immoo hundumaa isaanitiifakkana jedhee deebiseef, "Waa'ee kootiif yoo ta'e, ani bishaaniinan isin cuupha, garuu dhufuudhaaf kan jiru tokko ana irra humni isaa jabaa dha, ani hidhaa kophee miilla isaatii illee gadi jedhee hiikuudhaaf nama malu miti. Inni Hafuura Qulqulluudhaa fi ibiddaan isin cuupha.

<sup>18</sup> Hafarsaa ittiin midhaan isaa qulleeffatu of harkaa qaba, isaanis midhaan isaa sirriitti qullessee habaqii isaa gatuudhaan midhaan isa qulqullu immoo gumbii isatti ni galfata. Habaqii sana garuu ibidda isa takkumaa hin dhamneen ni guba.<sup>19</sup> Yohaannis gorsa heddu isaanif kenuudhaan, hoduu gammachiisaa wangeelaa isaanitti lallabaa ture.<sup>20</sup> Herodis inni bulchaa biyyaa ture haadha manaa obboleessa isaatii ishee Herodiyaaas jedhamtu fuudhuudhaan yommuu inni yakke, akkasumas cubbuu kan garaa garaa inni hojjetaa tureefis, Yohaannis isaceephaanaan,<sup>21</sup> mootichi garuu cubbuu dabalataa hojjechuudhaan, Yohaannisiin mana hidhaa keessa isa buuse. Amma egaa yommuu namoonni hundumtuu cuuphamanitti, Yesuusimmoo ni cuuphame, utuu inni kadhataa jiruus, samiiwwan banamanii,<sup>22</sup> Hafuura Qulqulluun bifa gugeetiin dhufee isa irra ni buufate, achumaanis sagaleen samii irraa dhufee,akkana jedhe, "Ati ilmaa koo isan jaalldhuu dha. Ani sitti nan gammada."<sup>23</sup> Yesuus yommuu tajaajila isaa eegale, nama naanno waggaasoddomaat ture. Akkuma tilmaamaatti, inni ilmaa Yoseef, kan Heelii,<sup>24</sup> ilma Maataat, ilma Leewwii, ilma Malkii, ilma Yanaayi, ilma Yoseef.<sup>25</sup> Yoseef ilma Matatataas, ilma Amoos, ilma Naahuum, ilma Eslii, ilma Nagaayi,<sup>26</sup> ilma Maat, ilma Mataataas, ilma Semeeyiin, ilma Yosee, ilma Yoodaa ti.<sup>27</sup> Yoodaan ilma Yo'aanaan, ilma Reesaa, ilma Zerubaabeel, ilma Salati'eel, ilma Neerii,<sup>28</sup> ilma Malkii, ilma Adii, ilma Kosaam, ilma Elmadaam, ilma Eerii,<sup>29</sup> ilma Iyyasuu, ilma Eli'eezeer, ilma Yorium, ilma Maataat, ilma Leewwiii.<sup>30</sup> Leewwiin ilma Simoon, ilma Yihuudaa, ilma Yoseef, ilma Yoonaam, ilma Eli'aakiim,<sup>31</sup> ilma Mele'aa, ilma Mennaa, ilma Mataataa, ilma Naataan, ilma Daawit,<sup>32</sup> ilma Issey, ilma Obeed, Bo'aaz, ilma Saalmoon, ilma Naahishoon.<sup>33</sup> Naahishoon ilma Aminaadaab, ilma Admiin, ilma Arnii, ilma Heziroon, ilma Pheereez, ilma Yihuudaa,<sup>34</sup> ilma Yaakoob, ilma Yisaaq, ilma Abrahaam, ilma Teeraa, ilma Nahor turan,<sup>35</sup> ilma Seruug, ilma Re'uu, ilma Pheeleg, ilma Ebeer, ilma Sheelaa.<sup>36</sup> Sheelaan ilma Qaayinaan, ilma Arphaaxaad, ilma Sheem, ilma Nohaa, ilma Laemek,<sup>37</sup> ilma Maatuusaalaa, ilma Enook, ilma Yaareed, ilma Mahaalaaleel, ilma Qaaiynaan,<sup>38</sup> ilma Enoos, ilma Seet, ilma Addaam, ilma Waaqayyoo.

## Chapter 4

<sup>1</sup> Achumaan Yesuus, Hafuura Qulqulluudhaan guutamee, Laga Yordanosii deebi'ee, Hafuurri gara lafa onaatti isa qajeelche, <sup>2</sup> achittis guyyaa afurtamaaf seexanaan qorame. Guyyoota sana hundumaatti homaa hin nyaanne waan tureef, dhuma irratti ni beela'e. <sup>3</sup> Seexannis akkana isaan jedhe, "Yoo ilma Waaqayyoo taateef, dhagaan kun akka inni buddeena ta'uuf isa abboomi." <sup>4</sup> Yesuus akkana jedhee isaaf debise, "Barreeffamee jiraam, 'Namni buddeena qofaan akka hin jiraanne.'" <sup>5</sup> Achumaan seexanni Yesuusiin gara bakka ol ka'aa tokkotti ol isa baasee, mootummoota biyya lafaa kanaa hundumaa battalatti isatti argisiise. <sup>6</sup> Seexanni akkana isaan jedhe, "Qabeenyii fi ulfinni kun hundumtuu anaaf kennamanii waan ta'ee fi anis abbaan jaalladheef kennuu waanan danda'uuf, yoo ati gadi jettee naaf sagadde, kana hundumaa siifan kenna, isaanis hundumtuu kan kee ni ta'u." <sup>8</sup> Yesuus garuu akkana jechuudhaan isaaf deebise, "Barreeffameera, 'Gooftaa kee Waaqayyoof qofa sagadda, isumaafis tajaajilta.'" <sup>9</sup> Achi irraa seexanni Yesuusiin gara Yerusaalemitti geessee fiixee mana qulqullummaa irra isa dhaabee, akkana ittiin jedhe, "Yoo ilma Waaqayyoo taate, as irraa gadi of darbadhu." <sup>10</sup> Akkana kan jedhu barreeffamee waan jiruuf, 'Inni akka isaan si eeganiif, ergamoota isaa siif ni abboomaati,' <sup>11</sup> 'Isaan immoo harka isaanii keessatti si baatuutii, akka dhagaan illee miilla kee si hin rukunneef.' <sup>12</sup> Yeroo deebii kennuuf, Yesuus akkana jedhe, "Akkana jedhameera, 'Waaqayyoon Gooftaa kee hin qorin.'" <sup>13</sup> Seexanni qormaata isaa yommuu xumurutti, Yesuusiin dhiisee bakka biratti ni adeeme, hanga yeroo kan birootti. <sup>14</sup> Achii Yesuus humna Hafuura Qulqullutiin gara Galilaatti ni deebi'e, waa'een isaa immoo guutummaa naannoo sanaatti ni faca'e. <sup>15</sup> Achumaan inni mana sagadaa isaanii keessatti barsiisuu eegalee, hunduma isaaniitiin ni jajame. <sup>16</sup> Bakka itti guddate Nazireetiin dhufee, akkuma barsiifata isaatii, guyyaa Sanbataatti mana qulqullummaati ol seenee, ol ka'ee dhaabbatee sagalee isaa ol fudhatee dubbisuuffi eegale. <sup>17</sup> Maraan macaafa raajicha Isaayyaasis ni kennameef. Innis maraa sana bane, wanti armaan gadi jiru kun bakka itti argamu ni banate, <sup>18</sup> "Hafuurri Goofichaa ana irra jira, Sababiin isaa inni akkan hoduu gaarii warra hiyyeessotaatti labsuuf an., Warra jaamaniifis agartuu isaanii akkan deebisuuf, Warra gadi qabaman akkan biliisa baasuu, <sup>19</sup> guyyaa ayyanaa Goofichaas akkan labsuuf." <sup>20</sup> Achumaan maraa sana iddoa isaatti deebisee, nama isa ergamutti kennee, deebi'ee ni taa'e. Iji namoota mana qulqullummaa keessa taa'an hundumtuu isa irratti irraanfatame. <sup>21</sup> Innis isaanitti dubbachuu eegale, "Har'a dubbiin wangeelaa kun dhageetti keessaniin fiixa ba'e." <sup>22</sup> Tokkoon tokkoon nama achi turee waa'ee isaa waan gaarii dubbate, jechoota gaggaarii afaan isaa keessaa ba'aa turanittis ni ajaa'ibaman, , akkas jechuudhaanis ni gaafatan, "Inni ilma Yoseef miti moo?" <sup>23</sup> Innis akkana isaaniin jedhe, "Dhugumaan isin mammaaksa kana ana irratti mammaaktu, Yaa abbaa qorichaa, ofii kee mee fayyisi. Qifirnaahomitti waan hojjechuu kee dhageenye turee, mee biyya dhalootaa keettis hojjedhu." <sup>24</sup> Innis garuu akkana jedhe, "Dhugumaan ani akkanan isiniin jedha, raajiin kam illee bakka dhaloota ofii isaatti fudhatama hin argatu." <sup>25</sup> Garuu bara Eliyaasitti dubartiin abbaa warraa hin qabne hedduutu Israa'el keessa ture, yeroo samiiwwan waggoota sadii fi ji'oota ja'aaf cufamanii beellis biyya sana hundumaa qabatetti. <sup>26</sup> Eliyaas garuu tokkoo isaanitti iyyuu hin ergamne, dubartii ishee Saraaphxaa in Sidoon keessaa sanatti malee. <sup>27</sup> Bara Eliishaa raajichaattis warri lamxxaa'an hedduutu Israa'el keessa ture, garuu Naamaan nama Sooriyaa sana malee kan qullaan hin turre. <sup>28</sup> Mana sagadaa sana keessa warri turan hundumtuu dubbii isaa kanneen yommuu dhaga'an aariidhaan ni guutaman. <sup>29</sup> Lafaa ka'anii, magaalaa keessaa isa baasanii, gadi isa darbachuudhaaf akka toloufitti bantii tulluu irratti ol isa baasan. <sup>30</sup> Garuu inni gidduudhumma isaanii darbee bakka birootti ni adeeme. <sup>31</sup> Achii inni gara Qifirnaahoom, magaalaa ishee Galilaa keessa jirtutti, ni adeeme, achitti guyyaa Sanbataatti isaan barsiisuu eegale. <sup>32</sup> Isaanis barsiisa isaa ni ajaa'ibsiifatan, aangoodhaan dubbataa waan inni tureef. <sup>33</sup> Mana sagadaa sana keessa namni hafuura hamaadhaan qabamee tokkotu ture, innis sagalee guddaadhaan iyyee, <sup>34</sup> "Ah! Sii wajjin maal wal irraa qabnaa, yaa Yesuus Nazireetichaa? Nu balleessuudhaaf dhufte moo? Ani eenyuun akka ati taate nan beeka—Qulqullu Waaqayyo isa tokkicha!" <sup>35</sup> seexanicha ni ifate, akkana jedheen, "Hin dubbatin! Keessaa ba'i!" Seexanichi yommuu namicha gidduu isaaniitti lafatti darbatee, isa keessaa ba'e, homaa illee isa hin miine ture. <sup>36</sup> Namoonni hundumtuu isa kana hedduu ajaa'ibsiifatanii, walii wajjinis waa'ee isaa dubbachuu itti fufan. Akkana jedhan, "Isaan kun jechoota akkamii ti? Inni hafuurota xuraa'oo aangoodhaa fi humnaan isaan abbooma, isaanis nama keessaa ni ba'u." <sup>37</sup> Kanaafuu oduun waa'ee isaatii bakkawwan naannoo sana keessa jiran hundumaatti faffaca'uue eegale. <sup>38</sup> Achii Yesuus mana sagadaa sana keessaa ba'ee gara mana Simon ni dhaqe. Yeroo kanatti immoo amaaatiin Simon dhaqna gubaadhaan dhiphataa turte, isaanis isheedhaaf isa ni kadhatan. <sup>39</sup> Inni ishee irra dhaabbatee, dhaqna gubaa sana ni ifate, innis ishee dhiisee adeeme. Isheenis yeruma sanatti ol kaatee isaan tajaajiluu ni eegalte. <sup>40</sup> Yommuu aduun gadi lixuu eegaltetti, namoonni namoota dhukkuba akaakuu adda addaatiin qabaman hundumaa gara Yesuusitti ni fidu turan. Innis hunduma isaanii irra harka isaa kaa'ee isaan ni fayyise. <sup>41</sup> Hafuurri hamoonis hedduu isaanii keessaa ni ba'an, akkana jedhanii iyyuudhaan, "Ati ilma

Waaqayyoo ti!" Yesuus isaan ifatee akka isaan hin dubbannes ni godhe, isaan Kiristoos ta'uu isaa beekanii waan turaniif.<sup>42</sup> Yeroo lafti bari'etti, inni gara iddo namni hin jirree ni adeeme. Namoonni hedduun isa barbaadaa waan turaniif, bakka inni turetti isa bira ni adeeman. Akka inni isaan biraan hin adeemne gochuudhaafi yaalii godhan.<sup>43</sup> Inni garuuakkana isaaniin jedhe, "Ergamuun koo isa kanaaf waan ta'eef, waa'ee mootummaa Waaqayyoo magaalota kan biroottis deemee lallabuutu ana irra jira."<sup>44</sup> Achii inni mana sagadaa Yihuudaa keessa jiran hundumaa keessatti lallabuu isaa itti fufe.

## Chapter 5

<sup>1</sup> Amma akkana ta'e; Yesuus haroo Gensaarex cina dhaabbatee yommuu turetti namoonni hedduun isatti marsanii dubbii Waaqayyoo dhaggeeffataa turan. <sup>2</sup>Innis dooniiwan lama qarqara haroo sanatti hirkatanii ni arge. Qurxummi qabdoonni isaan keessaa bu'anii kiyyoowwan isaanii miiccataa turan. <sup>3</sup> Yesuus gara doonnii isa tokkoo, isa kan Simoon ta'eetti seenee, akka inni bishaan keessaa gara bakkeetti achi butuuf isa gaafate. Achuumaan inni achi keessa taa'ee uummata sana barsiisuu barsiise.<sup>4</sup> Barsiisa isaa yommuu xumuretti, Simooniin akkana ittiin jedhe, "Doonii kee gara iddo gadi fagoo harichaatti butadhuutii kiyyoowwan kee qurxummii akka siif qabaniif gadi ergi." <sup>5</sup> Simoon deebisee akkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa, halkan guutuu dadhabne homaa iyyuu hin qabanne, garuu waan ati jetteef kiyyoowwan koo nan darbadha." <sup>6</sup> Yommuu kiyyoowwan isaanii darbatanitti, kiyyoon isaanii hanga tarsa'u ga'utti qurxummii hedduu qabatan. <sup>7</sup> Kanaafuu hiriyooni isaanii doonii warra biroo keessa jiran dhufanii akka isaan gargaaranifiif mallatoodhaan waammattan. Isaanis erga dhufanii dooniiwan lamaanuu guutanii, hanga bishaaniin liqimfamutti ni ga'an<sup>8</sup> Simoon Phexroos, yommuu kana argetti, miilla Yesuus irratti kufee, akkana isaan jedheen, "Yaa Gooftaa, ana irraa fagaadhu, ani nama cubbamaa dha waanan ta'eef." <sup>9</sup> Innii fi namoonni isa waliin turan heddummina qurxummii qabataniitti hedduu ajaa'ibamaniirutii. <sup>10</sup> Hiriyooni Simoon, ilmaan Zabdewoos warri ta'an Yaqaobii fi Yohaannis, akkanuma ni ajaa'ibsiifatan. Yesuus Simooniin akkana jedhe, "Kana booddee kan namoota qabdu taataati, hin sodaatin." <sup>11</sup> Dooniiwan isaanii gara bakkeetti erga ol baafatanii booddee, waan hundumaa dhiisaanii isa ni hordofan. <sup>12</sup> Magaalota jiran keessaa gara isa tokkoo yommuu inni dhaqetti immoo namni dhukkuba lamxiitiin guutummaan qaama isaati rukutame tokko achi ture. Innis yommuu Yesuusiin argetti, adda isaatiin lafatti kufee, akkana jedhuudhaan isa ni kadhate, "Yaa Gooftaa, yoo fedha kee ta'eef, na qulleessuu ni dandeessa." <sup>13</sup> Achumaan Yesuus harka isaatiin hiixatee isa tuquudhaan akkana ittiin jedhe, "Ani nan fedha. Qullaa'i." Battaluma sanatti lamxiin sun isa gadi dhiise. <sup>14</sup> Akka namichi waan ta'e kana nama tokkotti iyyuu hin himnee isa abboomee, garuu akkana isaan jedhe, "Gara karaa kee deemii, lubatti of agarsiise, dhuga-ba'umsa akka isaaniif ta'uufis akka seera Museen tumeetti, aarsaa qulqulla'u keetiif ta'u of irraa baasi."<sup>15</sup> Garuu waa'een isaa caalaadhumatti fagaatee tatamsa'e, ummanni hedduunis barnoota inni kennuu dhaggeeffachuudhaa fi dhukkuba qabu irraa fayyuudhaaf walitti ni qabamee. <sup>16</sup> Inni garuu yeroo hedduu isaan irraa adda ba'e gara lafa duwwaa dhaqee ni kadhata ture. <sup>17</sup> Guyyaa tokko immoo utuu inni barsiisaa jiruu, Fariisotaa fi barsiisonni seeraa mandara Galilaa, Yihuudaatii fi Yeruusaalemii kan dhufan achi taa'anii turan. Humni Gooftas fayyiisuudhaaf isa waliin ture. <sup>18</sup> Amma namoonni tokko nama qaamni isaa du'e tokko gasaatti baadhatanii gara isaa ni dhufan, karaa itti ol seenanii namicha dhukkubsate sana fuula Yesuus dura kaa'anis barbaaddataa turan. <sup>19</sup> Heddumina namootaa irraa kan ka'e karaa ol seenan waan hin argatiniif, bantii manichaa irratti ol ba'anii karaa qaawwaatiin namicha gasaa isaatiin maranii namoota walakkaatti, fuula Yesuus duratti, gadi isa buusan. <sup>20</sup> Amantii isaanii arguudhaan, Yesuus akkana jedhe, "Namicho, cubbuun kee siif dhiifameera." <sup>21</sup> Warri barreessitootaatii fi Fariisonni kana irratti akkana jechuudhaan gaaffii kaasuu eegalan, "Inni Waaqayyo irratti arrabsoo dubbatu kun eeny inni? Waaqayyo malee cubuu namaaf dhiisuu kan danda'u eenyu inni?" <sup>22</sup> Yesuus garuu, waan isaan jedhan beekee, akkana jechuudhaan isaaniif deebise, "Maaliif gaaffii akkasii garaa keessan keessatti yaaddu?" <sup>23</sup> Isa kamiiin jechuutu salphata, 'Cubbuun kee siif dhiifameera' jechuu moo yookaan 'Ka'ii adeemi jechuu'? <sup>24</sup> Garuu kun kan inni ta'eef, Ilmi Namaa akka Inni laf irratti dhiifamuu cubbuu kennuu danda'u,"—namicha isa naafatee ture sanaanis akkana jedhe—"Sittan himaa, ka'I, gasaa kee fudhadhuu gara mana keetti gali." <sup>25</sup> Yommusuma fuula isaanii duratti lafaa ka'e gasaa isaa isa irra ciisee ture fudhatee Waaqayyo galateeffataa gara mana isaatiin deeme. <sup>26</sup>Hundumtuu ajaa'ibsiifatee, Waaqayyonis galateeffate. Sodaadhaan guutamanis, akkana jedhan, "Har'a waan takkaa ta'e hin beekin argine." <sup>27</sup> Wanneen kunneen hundumtuu erga raawwatamanii booda, Yesuus acguu ba;ee utuu adeemuu Leewwii nama jedhamu utuu inni godoo ashura-funaantu keessa taa'ee ashuraa walitti qabuu ni arge. Innis akkana ittiin jedhe, "Na hordofi." <sup>28</sup> Achumaan, Leewwiin waan qabu achumatti dhiisee Yesuusiin ni hordofe. <sup>29</sup> Achumaan Leewwiin Yesuusiif afeerraa guddaa qopheesse. Yeroo kanattis warri ashura walitti qaban hedduunii fi namoonni kan biro hedduun isa waliin afeerricha irratti hirmaataa fi isa waliin nyaataa turan. <sup>30</sup> Garuu Fariisotaa fi barreessitonni isaanii bartoota isaatiin akkana jechuudhaan komii dhi'eessaa turan, "Isin maaliif warra ashuraa walitti qabaniif fi cubbamoota warra kaan waliin nyaattanii dhugdu?" <sup>31</sup> Yesuus akkana jechuudhaan isaaniif deebise, "Namoota warra dhukkubsatan malee, warri fayyaan abbaa qorichaa hin barbaadan. <sup>32</sup> Ani warra qulqulloota waamuudhaaf hin dhufne, garuu warra cubbamoota gara qalbii jijiirrannaatti waamuufan dhufe malee." <sup>33</sup> Isaanis akkana isaan jedhan, "Hordoftoonni Yohaannis soomanii ni kadhatu, hordoftoonni Fariisotaa akkasuma. Hordoftoonni kan kee garuu nyaatanii dhugu." <sup>34</sup> Yesuus akkana isaaniin jedhe, "Namni isaan misirrichaa waliin jiranii amaammonni misirrichaa akka sooman

godhu jiraa? <sup>35</sup> Garuu guyyaan itti misirrichi isaan biraa adeemu waan dhufuuf jiruuf, gaafa sana isaanis ni soomu." <sup>36</sup> Achumaanis Yesuus mammaaksa isaanitti mammaake. "Eenuyu illee huccuu haaraa fuudhee huccuu moofa'e ittiin suphuudhaaf itti hin fayyadamu. Yoo akkas godhes, huccuu isa haaraa tarsaasuu isaa ti, huccuun inni haaraan isa moofaa waliin wal hin fudhatu. <sup>37</sup> Eenu illees daadhii wayinii haaraa meeshaa moofaatti hin naqu. Yooakkana godhes, daadhiin wayinii haaraan sun meeshaa isa moofaa ni dhoosa, daadhiin wayiniis lafatti dhangala'a, meeshaan sunis tajaajilaa ala ta'a. <sup>38</sup> Garuu dadhiin wayinii haaraan meeshaa haaratti naqama. <sup>39</sup> Eenu illee erga daadhii wayinii isa ture dhugee booda, isa haaraa dhuguu hin fedhu, akkana waan jedhuuf, 'Isa ture sana wayya.'"

## Chapter 6

<sup>1</sup> Guyyaa Sanbataa tokkotti immoo akkana ta'e, Yesuus lafa midhaanni qotamee jiru tokko keessa utuu adeemaa jiruu, hordoftooni isaa Asheeta buqqifatanii harka isaanii keessatti qola isaa irraa baasanii nyaachuu eegalan.<sup>2</sup> Fariisota keessaa tokko tokko akkana jedhan, "Maaliif waan guyyaa Sanbataatti gochuun seeraa ala ta'raawwattu?"<sup>3</sup> Yesuus yommuu deebii isaaniif kenuu akkana jedhe, "Daawit yeroo beela'etti waan inni godhe isin hin dubbifne moo, innii fi namoonni isa waliin turan?" Inni mana Waaqayyoo seenee buddeena kennaadhaaf dhi'aate keessaa fudhatee akka nyaatee fi isa kaan immoo namoota isa waliin turaniiif akka nyaataniif akka inni kenne, kana nyaachuun kan ta'uuf luboota qofa utuma ta'ee jiruu." <sup>5</sup> Achumaan akkana isaaniin jedhe, "Ilmi Namaa Sanbataa irratti Gooftaa dha."<sup>6</sup> Sanbata kan biro irratti immoo akkana ta'e, Yesuus gara mana sagadaa dhagee achitti namoota barsiise. Namni harki isaa naafate tokko immoo achi ture.<sup>7</sup> Warri barressitootaa fi Fariisotaa immoo ittiin isa himachuudhaaf guyyaa Sanbataatti ni fayyisaa fi ni dhiisaa isaa hordofaa turan.<sup>8</sup> Inni garuu waan isaan garaa isaaniitti yaadaa turan beekee, namicha harki isaa naafate sanaan akkana ittiin jedhe, "Lafaa ol ka'ii namoota as jiran gidduu dhaabbadhu."<sup>9</sup> Yesuus akkana isaaniin jedhe, "Ani isinan gaafadha, Guyyaa Sanbataatti waan gaarii moo waan hamaa gochuutu seera, lubbuu namaa fayyisuu moo ajjeesuutu fudhatamaa dha?"<sup>10</sup> Achumaan asii fi achi isaan ilaalee namichaan akkana isaan jedhe, "Harka kee diriarsi." Innis akkuma abbooname godhe, harki isas ni fayyeef.<sup>11</sup> Isaan garuu aarii sababa hin qabneen guutaman, Yesuusiin maal gochuu akka qabanis waliin dudubbachuu eegalan.<sup>12</sup> Gaaf tokko immoo ka'ee kadhannaadhaaf gara gaaraatti ol ba'e. Halkan guutuu Waaqayyoon kadhachuu isaa itti fufe.<sup>13</sup> Yommuu lafti bari'us, bartoota isaa ofitti waamee, isaan keesssa kudha lama filatee ergamoota jedhee isaan moggaase.<sup>14</sup> Maqaan ergamoota kanneeniis Simooni (isa inni Pheexros ittiin jedhe) fi obboleessa isaa Indiriyaas, Yaaqob, Yohaanis, Filiphooos, Bartaleemos, Maatewoos, Toomaas, Yaaqob ilma Alfewoos, Simoon isa hinaafticha jedhame, Yihuudaa ilma Yaaqobii fi Yihuudaa isa Isqorticha, isa booda irratti isa gane.<sup>17</sup> Achumaan Yesuus isaan waliin gaaricha irraa gadi bu'ee bartoota isaa hedduudhaa fi namoota hedduu Yihuudaadhaa fi Yerusaalema akkasumas qaraqara galaana Xirosii fi Sidoonaatii walitti qabaman hedduu waliin lafa wal qixxaataa irra ni dhaabbate.<sup>18</sup> Isaan isaa dhaggeeffachuudhaa fi dhukkubawwan qaban irraa fayyuudhaaf gara isaa kan dhufan turan. Namoonni hafuura hamoodhaan qabamanii dhiphataa turanis fayyifamaniiru.<sup>19</sup> Humni nama fayyisu isaa keessaa maddaa waan tureef, namni achi ture martinuu isatti bu'uudhaaf yaalii godhaa ture sababiin isas, innis hunduma isaanii ni fayyise.<sup>20</sup> Innis gara galee bartoota isaa ilaalee akkana ittiin jedhe, "Isin warri hiyyessonni kan eebbifamtanii dha, mootummaan Waaqayyoo kan keessan waan ta'eef."<sup>21</sup> Warri amma beela'aa jirtan kan eebbifamtanii dha, ni quuftsaa waan ta'eef. Warri amma boo'aa jirtan kan eebbifamtanii dha, kolfuudhaaf jirtu waan ta'eef.<sup>22</sup> Namoonni yommuu isin jibban kan eebbifamtanii dha, yeroo isaan adda isin baasanii fi isin arrabsan, akka nama yakkamaatti yommuu isaan isin tuffatanis, waa'ee Ilma Namaatiif jedhanii.<sup>23</sup> Guyyaa sana gammadaa, utaalaas, waqaqaa irratti badhaasa guddaa waan argattaniif, abbootiin isaanii raajota akkasuma godhaa turaniiruu.<sup>24</sup> Garuu isin warra dureessotaaf wayyoo, isin gammachuu keessan raawwataniittuu.<sup>25</sup> Wayyoo isin warri amma quuftanii jirtan, booda irratti beela'uuf jirtutii. Wayyoo isin warra amma kolfaa jirtaniif, booda irratti gadduudhaa fi boo'uudhaaf waan jirtaniif.<sup>26</sup> Wayyoo isin yommuu namoonni waa'ee keessan gaarii dubbatan, sababiin isaa abbootiin isaanii raajota warra sobduu akkanatti isaan jajachaa turanii ti.<sup>27</sup> "Ani isin warra ana dhaggeeffataniin garuu akkanan isiniin jedha, diinota keessan jaalladhaatii warra isin jibbaniifis waan gaarii godhaa."<sup>28</sup> Warri isin abaaran eebbisatii warra hammina isin irratti yaadaniiifis kadhadaafii.<sup>29</sup> Nama maddii keessan gara tokko isin kabaluuuf, isaa kaan immoo gara galchaafii. Namni tokko yoo kootii keessan isin irraa baafate, kittaa keessanis hin hambifatinaa.<sup>30</sup> Nama isin kadhatu hundumaaf kennaafii. Qabeenya keessan keessaa namni yoo isin irraa fudhate, akka inni isiniif deebisuuuf isaa hin gaafatinaa.<sup>31</sup> Waan namoonni akka isiniif godhan feetan, isinis akkasuma isaaniiif godhaa.<sup>32</sup> Warra isin jaallatan qofa yoo jaallatan, badhaasa maalii qabdu? Warri cubbamoonnis akkanuma godhu woo.<sup>33</sup> Warra waan gaari isiniif godhu qofaaf yoo gaarii gootan, badhaasa maalii qabdu? Warri cubbamoonnis akkanuma godhu woo.<sup>34</sup> Warra deebisee gatii isiniif baasuu danda'u qofaaf yoo liqeessitan, badhaasa maalii qabdu? Warri cubbamoonnis warra gatii isaaniiif baasuu danda'aniif liqeessu woo.<sup>35</sup> Garuu isin diinota keessan jaalladhaatii utuma waa deebiftanii argachuudhaaf hin yaadin namootaaf liqeessaa, badhaasni keessan guddaa ni ta'aa, ijoolee Isa Ol Gubbaa jiruus ni taatuu, inni ofii isaatii warra hin galateeffanee fi warra hamoota ta'aniif iyyuu gara laafessa woo.<sup>36</sup> Warra araara qaban ta'aa, akkuma Abbaan keessan araara qabeessa ta'e.<sup>37</sup> Akka isinittii hin faradamnetti, isinis namatti hin faradinaa. Akka namoonni isin hin ceephanetti, isnis namoota hin ceepha'inaa. Akka dhiifamni isiniif godhamuuf, isinis namootaaf dhiifama godhaa.<sup>38</sup> Kennaa, isiniifis ni kennamaatii. Qabeenyi hedduu—gadi hudumame, urgufamee fi irra dhangala'e—jilba keessan irratti ni dhangala'a. Safartuu isin ittiin safartaniin, isiniifis debi'ee ni safarama."<sup>39</sup> Achumaan inni

mammaaksa isaanitti mammaake. "Namni iji isaa hin argine tokko nama akka isaatiitti karaa argisiisuu ni danda'aa? Kana yoo godhe, lamaanuu wal qabatanii boolla keessa seenu, mitii ree?"<sup>40</sup> Barataan tokko barsiisaa isaa irra hin caalu, garuu namni hundumtuu erga guutummaatti leenjifamee boodaakkuma barsiisaa isaatii ni ta'a.<sup>41</sup> Maaliif utubaa ija keessan keessa jiru utuu hin argin, huuba ija hiriya keessanii keessa jiru ilaaltuu?<sup>42</sup> Akkamitti obboleessa keessaniinakkana jettu, 'Obboleessa ko, mee huuba ija kee keessaan siif baasa,' utuu utubaa isa ija keessan keessa jiru hin argin? Isin warra of tuultota nana! Dursaatiit utubaa ija keessan keessa jiru baasaa, sana booda huuba ija obboleessa keessanii keessa jiru sirriitti arguu dandeessuutii.<sup>43</sup> Mukni gaariin kan ija hin taane, i hin jiru, moo mukni gaarii hin taane kan ija gaarii godhatu jira.<sup>44</sup> Mukni martinuu ija ofitiin adda baafama. Namoonni muka qoraattii irraa ija harbuu cirachuu hin danda'an, yookaanis ija wayinii muka kombolchaattii hin ciratu.<sup>45</sup> Namni gaariin waan gaarii garaa isaa keessa guute keessaa waan gaarii baasa, namni hamaanis hammina garaa isaa keessa guute keessaa waan hamaa baasa. Waan garaa namaa keessa guutee irraa hafetu afaniin dubbatamaatii.<sup>46</sup> "Maaliif 'Yaa Gooftaa' 'Yaa Gooftaa' naan jettuu, waanan isiniin jedhu erga hin raawwannee?"<sup>47</sup> Namni gara koo dhufee jecha ani dubbadhu dhaga'u, kan abboomamus, maal akka inni fakkaatu ani isinittan hima.<sup>48</sup> Inni akka nama mana isaa ijaarratuu ti, lafa isa irratti ijaaru gadi fageessee qotee hundee manichas dhagaa jabaa irra ni dhaabe. Lolaan yommuu dhufetti, bishaannis humnaan dhufee yommuu itti bu'etti, manicha sochoosuu hin dandeenye, jabaatee ijaarameera waan inni ta'eef.<sup>49</sup> Garuu namichi dubbii koo dhaga'ee hin abboomamne, nama mana isaa irra keessa lafaa irratti bu'uureesse fakkaata. Bishaan guutee yommuu manii isaa irra dhangala'ee lola'etti, manichi battalumatti ni manca'e, barbadaa'uun manichaas isa dhumaa ta'e."

## Chapter 7

<sup>1</sup>Yesuus dubbii gurra namootaatti dubbatu erga xumuree booddee, gara Qifirnaahomitti ol seene.<sup>2</sup>Achittis oogganaan dhibbaa tokko hojjetaa isaaf abboomamu tokko qaba ture, innis dhukkubsatee du'atti dhi'aatee ture.<sup>3</sup> Ooggantichi waa'ee Yesuus yommuu dhaga'etti, inni maanguddoota Yihuuda keessaa gara Yesuusitti ergee, akka Yesuus dhufee hojjetaa isaa sana fayyisuufiif isa gaafat<sup>4</sup>Yommuu isaan gara Yesuus dhufanitti, isaanakkana jechuudhaan jabeessaniiisa ni kadhatan, "Isa kana hojjechuufiin kee nama ta'uufiif dha,<sup>5</sup>inni nama biyya keenya jaallatuu dhaatii, mana sagadaa keenya kanas kan nuuf ijaare isa dha."<sup>6</sup> Achumaan Yesuus isa waliin daandii irra bu'ee isaan waliin deemuu eegale. Garuu yommuu inni mana irraa fagaatetti, ooggantichi dhibbaa hiriyoota isaa Yesuusitti ergee,akkana ittiin jedhe, "Yaa Gooftaa, ati bantii mana kootii jala seenuun siif hin malu waan ta'eef, hin dhama'in.<sup>7</sup> Kanuma irraa kan ka'e, anis gara kee dhufuudhaaf naman hin malle akkan ta'e beekeera, garuu jechuma tokko yoo ati dubbatte, hojjetaan koo ni fayya.<sup>8</sup>Anis of jalatti loltoota anaaf abboomaman kanan qabu oogganaa waanan ta'eef. Isa tokkoon yoon 'Deemi' jedhe, innis ni deema, isa kaaniin immoo 'Kottu' yoon jedhe, innis ni dhufa, hojjetaa kootiinis 'Kana godhi' yoon jedhe, innis ni godha.<sup>9</sup> Yesuus yommuu kana dhaga'e, ni ajaa'ibsiifate, uummataa isa faana turettis gara galeeakkana isaaniin jedhe, "Ani isinttan hima, ani amantii akkanaa Israael keessatti illee hin argine."<sup>10</sup> Warri ergaman yommuu gara manaatti deebi'an, hojjetichi fayyaa isaa ta'ee argatan.<sup>11</sup> Sana booda, Yesuus gara magaalaa Naain jedhamtu tokkoo deeme, barattoonni isaati fi uumanni hedduuis isa waliin ni deeman.<sup>12</sup> Akkuma inni gara karra magaalichaatti dhi'aateen, namni haadha isaa (kan kopha-galeettii taateef) tokkicha kan ta'e tokko du'ee baatamee, uummanni magaalichaa hedduunis ishee waliin deemaa ture.<sup>13</sup>Gooftaan yommu ishee argetti, garaan isaa hedduu isheedhaaf gaddee,akkana ittiin jeheen, "Hin boo'in."<sup>14</sup>Achumaan itti adeemee siree ittiin reefficha baatanii adeeman harkaan qabe, warri baatanii adeemanis dhaabbatanii hafan. Innisakkana ittiin jedhe, "Yaa dargaggeessa nana, ani siinan jedhaa, ol ka'i."<sup>15</sup> Inni du'es lafaa ka'ee haasa'uueegale, Yesuus immoo haadha isaatiif isa kenne.<sup>16</sup> Achumaan sodaan hunduma isaanii irra buufate, Waaqayyoonisakkana jechuudhaan galateeffachuu itti fufan, "Raajii guddaan nu gidduutti kaafameera" akkanumas, "Waaqayyo gara saba isatiilaaleera."<sup>17</sup>Oduun waa'ee Yesuus kun guutummaa Yihuudaatii fi naannoolee ollaa ishee hundumaatti ni faca'e.<sup>18</sup>Barattoonni Yohaanis waa'ee isa kana hundumaa isatti ni himan. Yohaannisis bartoota isaa keessa lama ofitti waamee,<sup>19</sup>akkana jechuudhaan gara Gooftaatti isaan erge, "Ati isuma dhufuuf jiruu dha moo kan biro eeggannu?"<sup>20</sup>Isaan gara Yesuus yommuu dhufanitti,akkana jedhan, "Yohaannis Cuuphaan akka nuyi 'Inni dhufuuf jiru sun si'I moo kan biro eeggannu?' jedhee gara keetti nu ergeera"<sup>21</sup> Inni yeroo sanatti namoota hedduu dhukkubawwanii fi dhiphuu isaanii irraa isaan fayyisee namoota iji isaanii hin argine hedduudhaafis agartuu isaanii ni deebiseef.<sup>22</sup>Yesuusakkana jechuudhaan isaaniif deebise, "Yeroo gara dhuftanitti deebitan, waan argitanii fi waan dhageessan Yohaanisitti himaa. Warri iji isaanii hin argine, agartuun isaanii deebi'aafii jira, warri milli isaanii naafate adeemuu eegalaniiru, warri lamxaa'an qulleeffamaniiru, warri gurri isaanii duudee ture dhaga'niiru, namoonni du'an deebi'anii jraataniiru, hiyyessonnis hoduu gaarii dhaga'aa jiru.<sup>23</sup>Waan ani godhu irraa kan ka'e namni anatti amanuu hin dhiifne ebbifamaa dha.<sup>24</sup>Ergamtoonni Yohaannis erga deebi'anii deemanii booda, Yesuus waa'ee Yohaannis namoota isa waliin jiranitti himuu eegale, "Maal arguudhaaf gara lafa onaatti baatanii? What did you go out into the desert to see? Jajjaba isa qilleensi raasuu?<sup>25</sup>Garuu maal ilaaluudhaaf baatan? Warra huccuu mimmiidhagaa uffatan ilaaluudhaafii? Ilaalaa, warri huccuu mimmiidhagaa uffatanii fi jirenya qananii jiraatan mana mootummaa keessa jiru.<sup>26</sup>Garuu maal ilaaluudhaaf gadi baatani? Eeyyee, ani akkanan isiniin jedha, kan raajii irra caalutu as jira.<sup>27</sup>Inni kun isa waa'ee isaatiifakkana jedhamee barreeffamee dha,<sup>28</sup>ani isinttan hima, dubartii irraa kan dhalatan keessaa Yohaannis irra kan caalu hin jiru. Garuu mootummaa Waaqayyo keessatti namni hundumaa gadi ta'e mul'atu isa irra ni caala."<sup>29</sup>(Namoonni martinuu isa kana yommuu dhaga'anitti, warra ashuuraa funaanan dabalatee, Waaqayyo qajeelaa akka ta'e ni labsan, cuuphaa Yohaanisiin cuuphamanii turanii ti.<sup>30</sup>Garuu Fariisonnii fi beektonni seeraa cuuphaa Yohaannis hin cuuphamin waan hafaniif, kaayyoo Waaqayyo isaaniif qabu lafatti hambisan.)<sup>31</sup>gaa dhaloota har'aa kana maalittan fakkeessa? Isaan maal fakkaatu?<sup>32</sup>Isaan akka daa'imman gabaa keessa xabatanii ti, walii walii isaanii wal waamaniakkana kan waliin jedhan, 'Ulullee isiniif afuufnaan sirbuu diddan. Faarsaa gaddaa isiniif faarfannaan boo'uudiddan.<sup>33</sup>Yohaanni Cuuphaan yommuu dhufee hin nyaane hin dhugne waan ta'eef,akkana jettan, 'Inni hafuura hamaatu keessa jira'.<sup>34</sup>Ilmi Namaa immoo nyaataa fi dhugaa yommuu gara keessan dhufe,akkana jettan, Ilaa, inni albaadhessaa fi dhugduu dha, hiriya warra ashuuraa funaananii fi cubbamootaatis!<sup>35</sup>Ogummaan garuu ijoollee isheetiin ni dhugoomfamti." Argituu, ani ergamaa koo fuula kee dura nan erga, Inni immoo si dura bu'ee daandii ni qopheessa.<sup>36</sup>Achumaan Faarisiin tokko akka Yesuus isa waliin nyaatuuf isa afeere. Yesuus mana Fariisichatti erga ol seene booda, nyaachuudhaaf gara maaddiitti dhi'aate.<sup>37</sup>Iddoo sanatti, dubartiin magaala sana keessatti

cubbamtuu ta'uu isheetiin beekamtu tokko turtettti. Akka inni mana Fariisichaatti nyaatatti taa'e yommuu argitetti, isheen dibata zayitaa bilqaaxii tokko fudhattee dhufte.<sup>38</sup> Akkuma isheen miilla isaa bira geesseen, boo'aa, miilla isaa dhudhungataa, urgooftuu gati jabeessa itti dibdee, rifeensa mataa isheetiitiin ni haxoofti turte.<sup>39</sup> Fariisichi inni Yesuusiin afeere yommuu kana argetti,akkana jechuudhaan of keessatti yaaduu eegale, "Namichi kun utuu raajii ta'ee, dubartiin eenyuu fi nama akkamii taate akka isa tuqaa jirtu ni beeka ture, akka isheen cubbamtuu taate."<sup>40</sup> Yesuus deebiseefiiakkana isaan jedhe, "Yaa Simoon, waanan sitti himun qaba." Innisakkana jedhe, "Dubbadhu, Yaa barsiisa!"<sup>41</sup> Yesuusakkana jedhe, "Namni horii liqeessuudhaan beekamu tokko, nama gatii irraa qabu lama qaba ture. Inni tokko qarshii dhibba shantu isa irra jira, isa kaan irra immoo shantama.<sup>42</sup> Jarri lamaanuu gatica of irraa baasuu dadhabnaan, inni immoo isaaniif ni dhiise. Kanaafuu, namicha isa kamtu caalaa isa jaallata?"<sup>43</sup> Simoon deebiseeakkana isaan jedhe, "Isa inni caalaa dhiiseef jedheen yaada." Yesuusakkana jedhe, "Sirriitti murteessiteetta."<sup>44</sup> Yesuus gara dubartitti gara galee Simooniinakkana jedheen, "Dubartii kana ni argitaa, ani mana keen seena. Ati garuu bishaan miilla kootiif naaf hin kennine, isheen garuu miilla koo imimmaan isheetiin jiiftee, rifeensa mataa isheetiitiin haxoofte.<sup>45</sup> Ati ana hin dhunganne, isheen garuu ergan as dhufee, miilla koo dhungachuu irraa hin boqonne<sup>46</sup> Ati mataa kootti zayita hin dibne, isheen garu zayita foolii gaarii qabuun miilla koo dibde.<sup>47</sup> Kanaafuu, ani sittan hima, cubbuuwan ishee, warri hedduun, isheedhaaf—isheen guddaa waan jaallatteef. Garuu namni xiqqoon dhiifameef, xiqqoo jaallata."<sup>48</sup> Isheedhaan immooakkana ittiin jedhe, "Cubbuun kee siif dhiifameera."<sup>49</sup> Warri nyaataaf isa waliin dhi'aatanii turanis walii isaanii gidduuttiakkana jechuu eegalan, "Inni cubbuu namaa iyyuu namaaf dhiisu kun inni eenu?"<sup>50</sup> Achumaan JYsuus dubatittiidhaanakkana ittiin jedhe, "Amantiin kee si fayyiseera. Nagaadhaan dhaqi."

## Chapter 8

<sup>1</sup> Yeroo gabaabaa booda, Yesuus gara magaalaawwanii fi mandaroota hedduu irraa naanna'ee oduu gammachiisaa waa'ee mootummaa Waaqayyoo ni barsiisa ture. Warreen kudha lamaaniis isa waliin turan,<sup>2</sup> akkanum immoo dubartiin haffurota xuraa'oodhaa fi dhukkubawan adda addaa irraa fayyifamtee turtokko turtueetti: Maariyaam ishee Magidallaan kan jedhamte, hafuuropa xuraa'oon torba kan ishee keessaa ba'an;<sup>3</sup> haadha warraa Chuuzaa kan taate, Yo'aanaan, geggeessaan hojji Heroodis; Susaanaadhaa fi kan biro hedduu, warra qabeenya isaanii keessaa fedha ofii isaanii guuttataniif kun marti turaniiru.<sup>4</sup> Uummanni hedduun yommuu achitti walitti qabamanitti, magaalaadda addaa irraa namoonni gara isaa dhufaa yeroo turanitti, inni mammaaksa isaanitti mammaake: <sup>5</sup>"Qottuun tokko sanyii isaa facaafachuudhaaf ba'e. Yommuu inni facaasetti, kaan isaa karaa cina bu'ee namoonni miilla isaanii isaa dhidhiitan, simbirroon waqaq irraas ni nyaatan. <sup>6</sup>Kaan immoo dhagaa irra bu'ee, yommuu biqiluu eegalutti, bishaan waan hin qabneef, ni collage."<sup>7</sup> Kaanis qoraattii keessatti kufee, aramaan waliin bigilee isa ni liqimse. <sup>8</sup>"Kaan isaa garuu lafa gaarii irratti kufee midhaan iji isaa isaa kaan irra harka dhibba caalu godhate." Yesuus kana jedhee erga raawwatee booda, sagalee isaa ol fudhatee akkana jedhe, "Namni gurra dhaga'u qabu haa dhaga'u."<sup>9</sup> Barattooni isaa mammaaksi kun maal jechuu akka inni ta'e isa gaafatan. <sup>10</sup>Innis akkana isaanii jedhe, "Isiniif dhoksaas mootummaa Waaqayyoo beekuun isiniif kennameera, warra kaanitti garuu mammaaksaanan isaanitti dubbadha, akka isaan, 'utuma ilaalaniihin argineef, utumaa dhaga'aniis hin hubanneef."<sup>11</sup> Kunoo, hiikaan mammaaksichaas isa kana: Sanyichi dubbii Waaqayyoo ti. <sup>12</sup>Warreen karaa cina bu'an isaan warra dubbicha dhaga'ee, garuu diyaabilos dhufee akka isaan dhaga'anii ittiin hin fayyineef dubbicha garaa isaanii keessaa funaannatuu dha. <sup>13</sup>Warreen dhagaa irratti kufan immoo warra yeroo dubbicha dhaga'an gamachuudhaan fudhatanii, garuu hundee waan hin qabneef, yeroo muraasaaf erga amananiibooda, qoramsi yommuu itti dhufu kan kufanii dha.<sup>14</sup> Sanyiin warri qoraattii keessatti faca'an warreen dubbicha dhaga'anii, garuuakkuma isaan daandii isaanii irra bu'aniin, dhimmoota adda addaa, qabeenya fi gammachuu jirenya biyya lafaa kanaan hudhamanii iji isaanii utuu hin guddatin kanneen hafanii dha. <sup>15</sup>Garuu sanyiin inni lafa gaarii irratti faca'e, warreen dubicha garaa amantiitii fi gaariidhaan fudhatanii, sirriitti qabatanii obsaa jabnaadhaan kanneen itti jiraatanii dha. <sup>16</sup>"Namni ibsaa qabsiisee guuboodhaan qadaadu yookaan siree jala kaa'u hin jiru. Ijaa kanaa, mi'a ibsaan irraa ifu irra kaa'ee akka namni manicha seenu martinuu ifa argu ni godha. <sup>17</sup>Wanti dhokfamee utuu hin beekamin hafu, yookaan iccitiin hin beekamin yookaan ifatti utuu hin ba'in hafu hin jiru. <sup>18</sup>Kanaafuu sirriitti ana dhaggeeffadhaa, nama waa qabu tokkoof itti ni dabalamaaaf, isa hin qabne garu, ishumti inni qaba jedhee yaadu iyyuu isaa irraa ni fudhatama."<sup>19</sup> Achumaan haati isaatii fi obbolaan isaa gara isaa ni dhufan, garuu namoota hedduutu ture waan ta'eef isa bira ga'uun hin dandeenye. <sup>20</sup>Namoonni akkana jedhaniin, "Haati keetii fi obbolaan kee bakkee dhaabatanii si eegaa jiru."<sup>21</sup> Yesuus garuu deebiseefi akkana isaanii jedhe, "Haati kootii fi obbolaan koo warra dubbii Waaqayyoo dhaga'anii hojiitti hiikanii dha."<sup>22</sup> Guyyaa tokko immoo bidiruu keessa bartoota isaa waliin seenee, akkana isaanii jedhe, "Mee kaanee gara haroo kana gamaatti ceena." Achumaan haricha irra adeemuutti ka'an.<sup>23</sup> Akkuma adeemsa eegalaniin garuu, hirribni isaa fudhate. Bubbeen hamaanis doonicha irratti ni dhufe, bidiruun isaanii bishaaniin guutamuu eegale, balaanis isaanitti dhufe.<sup>24</sup> Achumaan barattooni Yesuus gara isaatti dhi'aatanii isaa dammaqsanii, akkana isaan jedhan, "Gooftaa! Gooftaa! Du'uuf jennaam!" Innis hirriba isaa irraa dammaqee, bubichaa fi sochii bishaanichaa ni abboome, isaanis ni dhaabbatan, martinus bakkatti deebi'ee qabbanaa'e.<sup>25</sup> Innis akkana isaanii jedhe, "Amantiin keessan meerre eessa jira?" Isaan garuu sodaatanii ni ajaa'ibsifatan, walii isaanii akkana jechuudhaan wal gaggaafatan, "Kun egaa eenyu ree, bubbenee fi bishaanni illee yommuu inni itti dubbatu kan abboomamanifi?"<sup>26</sup> Achi irraa gara naannoo Geraasenees, isaa Galilila irraa haroo gamatti argamutti ce'an.<sup>27</sup> Yesuus yommuu gara lafaatti ol ba'u, magaalicha keessaa namni hafuura hamaadhaan qabamee ture tokko isatti dhufe. Inni yeroo dheeraadhaaf huuccu ciccitaa uffatee, manaa ba'ee bakka awwaalaa keessa jiraataa tureera.<sup>28</sup> Inni yommuu Yesuusiin argetti, iyyee fuula Yesuus duratti kufee, sagalee guddaadhaan akkana jedhee iyye, "Ati ana waliin maal qabdaa, Yesuus, Yaa Ilma Gooftaa Guddaa? Ani sin kadhadha, ana hin dhiphisin."<sup>29</sup> Waan Yesuus hafuura hamaa sana akka inni namicha keessaa ba'uuf isaa ifatee tureef. Inni yeroo hedduu namicha qabatee, utuma inni cancalaan hidhamee jiruu illee, hidhaa sana keessatti eeguun barbaachisaa ture, utuma ta'eef jiruu inni cancalaa sana kutee gara lafa onaatti isaa oofa ture.<sup>30</sup> Achumaan Yesuus akkana jechuudhaan isaa gaafate, "Maqaan kee eenyu?" Innis akkana jedhe, "Legiyoon," hafuuronni hamoon hedduun wal ta'anii isatti galanii waan turanif.<sup>31</sup> Akka inni hallayyaatti isaan hin ergine cimsanii isaa kadhatan.<sup>32</sup> Yeroo sanatti hoomaan booyyee tokko tulluu jala marga dheedaa turan. Hafuuronni hamoonis akka Yesuus gara isaanitti isaan erguuf ni gaaftan, innis isaanii ni ayyame.<sup>33</sup> Achumaan hafuuronni hamoon namicha keessaa ba'anii gara booyyewwanii ni deeman, tuutni booyyee sunis gara allayyaatti gadi fiigani achitti dhuman.

<sup>34</sup> Warreen booyyeewwan sana tiksantis waan ta'e kana yommuu arganitti, achii fiiganii deemani waa'ee kanaa magaalaadhaa fi baadiyyaatti ni oddeessan. <sup>35</sup> Namoonnis waan uumame kana arguudhaaf manaa ni ba'an, gara Yesuusis dhufanii namicha isa hafuurri hamaan keessaa ba'e sana ni argan. Inni miilla Yesuus jala taa'ee ture, uffatee fi yaada isaattis deebi'ee; namoonni warri ilaaluu dhufan sun ni sodaatan. <sup>36</sup> Warri dursanii akka inni itti fayye argan akkamitti akka inni fayye isaanitti himan. <sup>37</sup> Achumaan uummanni naannoo Geraaseenes jiraatu akka Yesuus isaan irraa adda ba'uuf isa gaafatan, guddaa sodaatanii waan turaniif. Innis bidiruu keessa seenee deebi'e. <sup>38</sup> Namichi inni hafuurri hamaan keessaa ba'e sun isa duukaa bu'uudhaaf Yesuusiin ni gaafate, garuu Yesuuakkana jechuudhaan of irraa isa deebise, <sup>39</sup>"Gara mana keetti deebi'ii gochaa Waaqayyo siif godheef isaaf galata galchi." Namichis waan Waaqayyo isaaf godhe guutummaa magaalaatti gochaa Yesuus isaaf godhe labsaa gara mana isaatti gale. <sup>40</sup> Amma yommuu Yesuus deebi'e, tuutni achi ture isa eegaa ture waan ta'eef, isa simate. <sup>41</sup> Hubadhaa, namni Yaaros jedhamu, geggeessaa mana sagadaa keessaa tokko kan ta'e, dhufee miilla Yesuusitti kufee, akka inni gara mana isaatii dhufuuf isa kadhate, <sup>42</sup>sababiin isaa shamarree tokkittiin inni qaba ture, kan waggaan kudha lamaa, du'aaf kaatee ture. Yesuus deemaa yeroo turetti, tuutni namoota isatti marsee lafti dhiphatee ture. <sup>43</sup> Amma dubartiin waggoota kudha lamaaf dhiigni ishee dhangala'aa ture tokko achi ture; F isheen eenyuun illee fayyifamuu hin dandeenyee ture. <sup>44</sup>"Isheen gara Yesuus dhuftee fiixee huuccuu isaatii turqxe, dhiigni ishees battaluma sanatti dhaabbate. <sup>45</sup> Yesusakkana jedhe, "Eenyu inni kan tuqe?" Ana namni jedhu yommuu dhibette, Pheexroosakkana ittiin jedhe, "Gooftaa, namoota hedduutu naannawa kee ture, isaan immoo si dhiibaa turan." <sup>46</sup> Yesuus garuuakkana jedhe, "Namni na tuqe tokko jira, akka humni ana keessaa ba'e nan beeka." <sup>47</sup> Dubartittiin dhokattee akka hin baane yommuu hubatte, holllataa gara isaa dhuftee miilla isaa jalatti kufte. Isheenis namoota sana hundumaa gidduutti maaliif akka isa tuqxee fi akkamitti battaluma akka fayyite ni labsite. <sup>48</sup> Achumaan inniakkana isheedhaan jedhe, "Intala koo, amantiin kee si fayyiseera. Nagaadhaan dhaqi." <sup>49</sup> Utuma inni dubbataa jiruu, namni tokko wara mana sagadaa geggeessan gidduudhaa dhufee, Yaayiroos nama jedhamuuakkana jedhe, "Hintalli kee duutetii, barsisaa akkanumaan hin dadhabisiisin." <sup>50</sup> Yesuus garuu yommuu waan kana dhaga'etti, Yaa Yaayiroos, "Hin sodaatin; Amani malee, isheen ni fayyitii." <sup>51</sup> Inni gara manichaa yommuu dhufetti, Phexroos, Yohaannisii fi Yaaqob akkasumas abbaadhaa fi haadha hintalattii malee irraa kan hafe namni biroon akka isa waliin ol hin seenne ni dhorke. <sup>52</sup> Amma namoonni martinuu boo'aa ishee eegaa turan, inni garuuakkana jedhe, "Hin boo'inaa; isheen raftetti malee hin duunee." <sup>53</sup> Isaan garuu akka isheen duute waan beekaniif, isatti ni qoosan. <sup>54</sup> Inni garuu harka ishee qabee ishee waame,akkana jechuudhaan, "Muchayyo, ol ka'i!" <sup>55</sup> Hafuurri ishee itti deebi'ee, isheen battalumatti lafaa kaate. Inni akka waan isheen nyaattu isheedhaaf fidanisaan abboome. <sup>56</sup> Maatiin ishee ni gammadan, inni garuu waan ta'e kana eenyutti iyyuu akka hin himne isaan akekkachiise.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Inni bartoota isaa kudha lamaan walitti waameehafuurota hamoota mara akka baasanii fi dukkubsaatootas akka fayyisiapi aboo isaaniif kenne. <sup>2</sup>Akka isaan mootummaa Waaqayyoo labsanii fi dhukkubsaatootas akka isaan fayyisiapi inni isaan erge. <sup>3</sup>Inniakkanaisaaniin jedhe, "Imala keessaniif homaa hin fudhatinaa—meeshaa, korojoo, waan nyaatamu, horii fi huccuu jijiirranna illee taanaan. <sup>4</sup>Mana itti seentan isa kamiin iyyuu, hama achii deemtanitti achuma keessa tura. <sup>5</sup>Bakka namoonni itti isin hin simannetti, isaan irratti akka inni dhugabaatu ta'uuf awwaara miilla keessan irra jiru of irraa urgufaa." <sup>6</sup>Achumaan isaan mandaroota jiranitti ni bobba'an, wangeela labsaa fi bakka hundumaatti nama dhukkubsate fayyisaa. <sup>7</sup>Heroodis inni biyya bulchu waan achitti ta'aa jiru kana ni dhaga'e; garuu addaan baafachuu hin dandeeny, sababiin isaa namoonni tokko tokko Yohaannis cuuphaan akka du'aa ka'e waan dubbataniif, <sup>8</sup>kaan immoo Eliyaas akka dhufe, kaanis akka waan raajonni bara durii ka'an ni dubbatan. <sup>9</sup>Heroodisakkana jedhe, "Ani Yohaannisiin mataa isaa irraa mureera. Inni waa'ee isaa dhaga'u kun eenyuu dha?" Kana irraa kan ka'e inni Yesuusiin arguu barbaade. <sup>10</sup>Yommuu bartoonni deebi'anitti, waan raawwatan hundumaa ni gabasaniif. Achumaan innis isaan fudhatee, bakka kophaa ta'uudanda'an gara magaalaa Betasaiydaa jedhamtu dhaqan. <sup>11</sup>Uummanni achi turan yommuu kana dhaga'anitti, isa ni hordofan. Innis isaan simatee waa'ee mootummaa Waaqayyoo isaanitti dubbate, warra fayyuu barbaadanis ni fayyise. <sup>12</sup>Amma guyyaan galgala ta'e, warri kudha lamaaniis gara dhufaniiakkana isaan jedhan, "Uummata kana of irraa geggeessi akka isaan gara mandarootaa fi baadiyyaa jiranii dhaqanii iddo bulanii fi waan nyaatanaa barbaaddatanii, nuyi as bakka kophaa kana jirra waan ta'eef." <sup>13</sup>Garuu inniakkanaisaaniin jedhe, "Isin waan isaan nyaatanaa kennaafii." Isaanakkana jedhaniin, "Nuyi buddeena ija shanii fi qurxummii lama caalaa hin qabnu—baanee waan namoota kana mara ga'u yoo bitne malee." <sup>14</sup>(Namoota dhiira ta'an gara kuma shaniit achi ture.) Inni bartoota isaatiiakkana ittiin jedhe, "Gartuu namoota shantama shantamaatiin isaan teessisa." <sup>15</sup>Isaanis akkasuma godhan, namoonnis akka tataa'an ni godhan. <sup>16</sup>Inni buddeena shananii fi qurxummiiwan lamaan fudhatee, asii ol gara samii ilaalee, eebbisee fi caccabsee, akka isaan namoota sanaaf hiraniif bartootatti kenne. <sup>17</sup>Isaan martinuu nyaatanii ni quufan, wanti irraa hafes walitti qabame—hambaan isaa gundoo kudha lama ta'e. <sup>18</sup>Kana booddee yommuu Yesuus kophaa isaa kadhataa turetti, bartoonni isaa immoo isa waliin turan. Inniakkana jechuudhaan isaan gaafate, "Uummanni kun eenyu anaan jedhu?" <sup>19</sup>Isaanakkana jedhaniid eeabisaniif, "Yohaannis Cuuphaa. Kaan immoo garuu Eliyaas, kaanis raajota keessaa isa tokkotu ka'e jedhu." <sup>20</sup>Achumaan inniakkanaisaaniin jedhe, "Ilinoo eenyu anaan jettu?" Phexroosakkana jedhee deebise, "Kirstoos isan kan Waaqayyoo." <sup>21</sup>Inni garuu isakana eenyutti iyyuu akka hin himne isaan akeekkachiise, <sup>22</sup>akkanaisaaniin jechuudhaan, "Ilmi Namaa harka warra manguddootaa, luboota ol aanoodhaa fi barreessitoota keessatti dhiphina guddaa arguudhaa fi tuffatamuudhaaf jira, aijeefamuuudhaafis jira, garuu gaafa guyyaa sadaffaatti du'aa ni ka'a." <sup>23</sup>Achumaan isaan maraanakkana jedhe, "Eenyu illee ana hordofuu yoo barbaade, ofii isaa ganeeguyyaa guyyaadhaan fannoo koo baadhatee na faana bu'uu qaba." <sup>24</sup>Namni jirenya ofii oolfachuu barbaadu isani dhaba, garuu namni anaaf jedhee jirenya ofii gatu isani oolfataz. <sup>25</sup>Namni tokko guutummaa biya lafaa kanaa buufatee jirenya ofiitti yo hir'ise maal faayidaa qabaaf? <sup>26</sup>Eenyu iyyuu anatti yookaan dubbii kootti yoo yeella'e, Ilmi Namaa immoo yommuu ulfina isattidhufuu fi ulfina kan Abbaa isattidhufu akkasumas kan ergamoota qulqullootaatti isattiniyeella'a. <sup>27</sup>Ani garuu dhugaatti isinttihima, namoota amma as dhaabbatan kana keessaa utuu hin darbin dura mootummaa Waaqayyoo argudhaaf jiru. <sup>28</sup>Amma erga Yesuus dubbii kana dubbateeguyyoota saddet booda, inni Phexroosii fi Yohaannisiin akkasumas Yaaqobiin kadhachuudhaaf gara gaaraatti ol ba'e. <sup>29</sup>Kadhataa utuu jiruu, fuulli isaa ni jijiirame, huccuun isas hedduu adii ta'e. <sup>30</sup>Hubadhaa, namoonni lama, Musee fi and Eliyaas, isawaliin haasa'aa turan <sup>31</sup>isaanis ulfinaan mul'atanii isawaliin waa'ee addaan ba'umsa isatii, isainni Yerusaalem keessatti xumuraan ga'uudhaaf jiruu ni dudubbatan. <sup>32</sup>Amma Pexroosii fi warri isawaliin turan hirribni ija isaanittulfaatee ture, garuu yommuu isaan guutummaatti dammaqan, isaulfina isaa keessatti, namoota warra isawaliin dhaabbataaturanis ni argan. <sup>33</sup>Yeroo isaan Yesuus irraa adda ba'anii adeemuuf ka'anitti, Pexroosakkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa, nuuf as jiraachuun gaarii dha. Godoowwan sadii asitti haa ijarru, tokko siif, tokko Museedhaaf, tokko immoo Eliyaasiif." (Inni waan jechaa ture hin beekne.) <sup>34</sup>Utuu inni kana jechaa jiruu, duumessi dhufee isaanitti aguuge, isaanis duumessicha keessaa waan seenaniif ni sodaatan. <sup>35</sup>Achi irraa sagaleenakkana jedhu duumessicha keessaa ni dhufe, "Inni kun Ilma koo ti, isa filatame; isadhaga'aa." <sup>36</sup>Sagalichi yommuu dubbatetti, Yesuus kophaa isaa ture. Isaan waa'ee waan achitti argan Sanaa nama tokkotti iyyuu utuu hin himin turan. <sup>37</sup>Amma guyyaa lammaffaatti, gaaricha irraa yommuu gadi bu'anitti, uummanni hedduun isaanitti ni dhufe. <sup>38</sup>Hubadhaa, namni tokko tuuta sana keessaaakkana jechuudhaan ni iyye, "Yaa Barsiisaa, akka ati gara mucaa kootii ilaaltu sin kadhadha, inni ilma koo tokkicha. <sup>39</sup>Argitaa, hafuurri isaqabateetu yeroo tokko tokko ni caraansisa; hoomachi afaan isaa keessa guutee afaan

isaatiin ni ba'a. Yeroo hedduu isa irraa hin adeemu, gar-malee isa rakkisa.<sup>40</sup> Bartoota kee yoon kadhadhes isaan isa keessaa baasuu hin dandeenye.<sup>41</sup> Yesuus deebiseefii akkana ittiin jedhe, "Isin dhaloota hin amannee fi dhibaao nana, ani hanga yoomiittan isin waliin turee dubbii isiniif qajeelchaa? Ilma kee as fidi."<sup>42</sup> Mucichi utuu dhufaa jiruu, hafuurichi hamaan lafatti isa rukutee, hoomacha afaan isaa keessaa baase. Yesuus garuu hafuuricha hamaa sana ifatee mucichas fayyissee abbaa isaatiif deebise kenne<sup>43</sup> Achumaan isaan marti waa'ee guddina Waaqayyoo ni ajaa'ibsiifatan. Utuu isaan waan inni gochaa ture maratti ajaa'ibamanii, inni bartoota isaatiin akkana jedhe,<sup>44</sup> "Dubbii kun gurra keessan keessa gadi fagaatee haa seenu: Ilmi Namaa harka namootaa keessatti ganamuudhaaf jira."<sup>45</sup> Isaan garuu dubiin isaa kun hin galleef. Isaan jalaa dhokatee ture, kanaafuu isaan hiikaa isaa beekuu hin dandeenya, garuu gaafachuudhaafis ni sodaatan.<sup>46</sup> Isaan gidduudhaa immoo inni kam caalaa akka ta'e walitti falmuutti ka'an.<sup>47</sup> Yesuus garuu, yaada garaa isaanii keessaa beekuudhaan, daa'ima xiqqaa fudhatee of cina dhaabee<sup>48</sup> akkana isaaniin jedhe, "Namni daa'ima kana maqaa kootiin simatu, ana simata; Namni ana simatus, isa ana erge ni simata. Namni isin keessaa isa xiqqaa ta'e immoo hundumaa caalaa isa ol aanu ta'uudhaaf jira."<sup>49</sup> Yohaannis deebisee, "Yaa Gooftaa, nuyi nama maqaa keettiin hafuura hamaa baasu tokko arginee isa dhorkine, inni nu waliin hin jiru waan ta'eeef."<sup>50</sup> "Hin dhorkinaa," ittiin jedhe Yesuus, "namni faallaa keessan hin taane marti isin waliin jiraatii."<sup>51</sup> Guyyaan inni itti ol fuudhamu dhi'aataa yommuu deemetti, gara Yerusaalem deemudhaaf fuula isaa achi qajeelfate.<sup>52</sup> Inni of dura ergamtoota ergee, isaanis isa dura bu'anii waan mara isaaf qopheessuudhaaf gandoota warra Samaariyaa seenan.<sup>53</sup> Garuu inni fuula isaa gara Yerusaalemitti waan inni deebifateef, isaan isa hin simanne.<sup>54</sup> Bartoonni Yaaqobii fi Yohannis yommuu kana argan akkana jedhan, "Yaa Gooftaa, waaqa irraa akka ibiddi bu'ee isaan fixuuf akka itti waamnu nuu eyyamtaa?"<sup>55</sup> Inni garuu isaanitti gara galee, isaan ifate,<sup>56</sup> achumaan ba'anii gara biraatti adeeman.<sup>57</sup> Utuu karaa irra adeemaa jiranii, namni tokko akkana isaan jedhe, "Bakka ati dhaqxu hundumaatti sin hordofa."<sup>58</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Jeedalooni boolla qabu, simbirroonis man'ee qabu, Ilmi Namaa garuu bakka mataa isaa jala galfatu hin qabu."<sup>59</sup> Nama kan biroodhaan immoo akkana jedhe, "Na hordofi." Namichi garuu akkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa, duraan dursa dhaqueen abbaa koo awwaalladha."<sup>60</sup> Inni garuu namichaan akkana jedhe, "Warri du'an du'aa isaanii haa hawwaallatanii, isaan dhiisi. Ati garuu dhaqii Leave the mootummaa Waaqayyoo bal'inaan labsi."<sup>61</sup> Namni kan biroon tokko immoo akkana isaan jedhe, "Ani sin hordofa, yaa Gooftaa, garuu dura dhaqueen warra mana koo keessa jiranitti nagaa dhaama."<sup>62</sup> Yesuus deebisee akkana isaan jedhe, "Namni hordaan harkaan qabatee utuu qotaa jiruu gara booddee isaa ilaalu mootummaa Waaqayyoof hin malu."

## Chapter 10

<sup>1</sup> Amma wanneen kana mara booda, Gooftaan kan biro torbaatamatti F mul'atee, lama lamaan isaan godhee bakka ofii isaatii booda irratti deemuuf jiru magaalotaa fi gandoota maratti of dura buusee isaan erge. <sup>2</sup>Inni akkana isaaniin to jedhe, "Qonna bal'aatu jira, garuu hujjetoonni achi irra hujjetan muraasa. Kanaafuu, Gooftaa maasichaa akka inni hujjetoota itti bobbaafatuuf isa kadhadha<sup>3</sup> Daandii keessan irra adeemaa. Ilaa, ani akka hoolota jeedala giddutti bobba'aniittan isin erga. <sup>4</sup>Korojoo mahaallaqaa hin baadhatinaa, yookaan borsaa imalootaa, yookaan kophee, daandii irrattis eenyuun illee nagaa hin gaafatinaa. <sup>5</sup> Mana isa kamiin iyyuu yommuu seentan, dursa akkana jedha, 'Nagaan mana kanaaf haa ta'u!' <sup>6</sup>Ilmi nagaa yoo achi jiraate, nagaan keessan isa irra buufata, yoo ta'uudhaa baate garuu, gara keessanitti deebi'a. <sup>7</sup>Hujjetan mindaa isaa argachuu waan qabuuf, mana itti seentan sana keessa turaa, achumaa nyaataa fi dhugaa. Mana isa tokko gara isa kaaniitti asii fi achi hin deeminaa. <sup>8</sup> Magaalaa itti seentan kamitti iyyuu, yommuu isaan isin simatan, waanuma isaan isiniif kennan nyaadhaa <sup>9</sup>namoota achi keessaa dhukkubsatanis fayyisaa. Akkana immoo isaaniin jedhaa, 'Mootummaan Waaqayyoo isinitti dhi'aateera.' <sup>10</sup> Magaalaa isa kam iyyuu yommuu seentanitti yoo isaan isin hin simatin, gara daandiitti ba'atii akkana jedhaa, <sup>11</sup>Awwaara magaalaa keessan keessa miilla keenyatti qabate illee isin irratti of irraa urgaufanneerra! Garuu isa kana beekaa: Mootummaan Waaqayyoo dhi'oo kana jira.' <sup>12</sup>Isinittan himaa akka inni guyyaa isa dhumaatti magaalaa sana irra Sodoomtu dhiifama argata. <sup>13</sup> Wayyoo siif, Yaa Koraazin! Wayyoo siif, Yaa Beetsayida! Hojiin ulfinaa si keessatti hujjetame utuu Xirosii fi Sidoonaa keessatti hujjetameera ta'ee, isaan huccuu gaddaa uffatanii daaraa keessa taa'anii yeroo dheeraa dura galbii jijjiirrataniit turan. <sup>14</sup>Garuu guyyaa murtoo isa dhumaatti, si'i irra Xirosii fi Siidonaadhaaf ni salphata. <sup>15</sup> Atis, Yaa Qiffirnaahum, gara waqaatti waan ol fudhatamte sitti fakkaataa? Lakkii, gara qileetti gadi ni darbatamtaa. <sup>16</sup> Namni isiniin dhaga'u ana dhaga'a, inni isin jalaa didus ana jalaa ni dida, inni ana jalaa didu immoo isa ana erge sana jalaa dida. <sup>17</sup> Warreen torbaatamaa kunneen gammachuudhaan gara isaatti deebi'an, akkana jedhaanii, "Yaa Gooftaa, hafuronni hamoon illee maqaa keetiin nuuf ni abboomaman." <sup>18</sup>Yesuus akkana isaaniin jedhe, "Seexanni akka bakakkaatti utuu inni waqa irraa gadi darbatamuun arge. <sup>19</sup>Ilaa, ani akka isin mar'ataadhaa fi torbaan qabaa irra ejettaniif aboo isiniif kenneera, humna diinaa mara irratti, kan isin miidhuu danda'us tokko illee hin jiru. <sup>20</sup>Haa ta'u malee kanneen qofatti hin gammadinaa, waan hafuronni isiniif abboomamanii, garuu maqaan keessan galmee isa waqa irraatti waan barreeffameef gammadaa malee." <sup>21</sup> Yeroodhuma sanatti inni Hafuura Qulqulluudhaan gammachuudhaan guddaa argatee, akkana jedhe, "Yaa Abbaa, Gooftaa waqa fi lafaa, ani sin jajadha, waan ati wanneen kanneen warra ogeessotaa fi hubattoota jalaa dhoksitem, warra hin baratin, kanneen akka daa'imaan ta'anitti waan mul'ifteef. Eeyyee, Yaa Abbaa, inni kun immoo fuula kee duratti gammachiisaa waan inni ta'eef. <sup>22</sup> "Wanti marti Abbaa koo biraa anatti kennemeera, Abbaa irraa kan hafe eenyu illee Ilmi eenyuun akka inni ta'e kan beeku hin jiru, Abbaan eenyuun akka inni ta'es Ilmaa fi warra Ilmi isaanitti mul'isu malee kan beeku hin jiru." <sup>23</sup>Achii inni gara bartootaatti gara galee, kophatti akkana isaanii jedhe, "Wanneen isin argaa jirtan kanneen warri argan eebbfamoo dha. <sup>24</sup> Ani isinittan hima, raajonnii fi mootonni hedduun wanneen isin argaa jirtan kana utuu arguu barbaadanii arguu hin dandeenyne, wanneen isin dhageessan kanneenis dhaga'uudhaaf utuu fedhanii dhaga'uu hin dandeenyne." <sup>25</sup> Hubadhaa, beekaan seeraa tokko isa qoruudhaaf fuula isaa dura dhaabbatee, akkana isaan jedhe, "Yaa Barsiisaa, akkan jirenya bara baraa argadhuuf maal gochuutu anaaf ta'a?" <sup>26</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Seera keessatti maaltu barreeffamee jira? Ati akkamitti isa hubatte?" <sup>27</sup> Innis akkana jechuudhaan deebii kenne, "Ati Waaqayyo Gooftaa kee yaada kee, lubbuu kee, jabina keetii fi beekumsa kee maraan isa jaalladhu, olla kees akka ofii keetiitti jaalladhu." <sup>28</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Ati sirriitti. Akkana godhi, ni jiraattaa ti." <sup>29</sup> Inni garuu, qajeelaa of fakkeessuudhaaf jedhee, Yesuusiin akkana jedhe, "Ollaan koo eenyuu dha?" <sup>30</sup> Yesuus deebisee akkana isaan jedhe, "Namni ta'e Yeruusaalemii gara Yeriikoo deemaa ture. Saamtonni isa qabatanii lafatti isa kuffisanii, qabeenya inni qabu irraa fudhatanii, isa reebanii akka waan du'ee isa godhanii lafatti gatanii adeeman. <sup>31</sup> Akka carraa ta'ee lubni tokko achiin darba ture, namicha kufe kana yommuu argetti isa irraa goree darbe. <sup>32</sup> Haaluma wal fakkatuun, Leewwiin tokkos immoo dhufee namicha kufe kana argetti, irraa goree darbe. <sup>33</sup> Namni Samaariyaa tokko garuu utuu imalaa jiruu bakka namichi itti kufe sana ni dhufe. Yommuu namicha sana argetti, gara laafinatu isatti dhaga'ame. <sup>34</sup> Innis namichatti dhi'aate madaa isaa irraa miicee, dibataa fi daadhii waynii itti cobseefii isa wal'aane. Horii ofii isaatii irra namicha kaa'ee, gara bakka iddoon bultii jirutti isa fidee, waan barbaachisu isaaf godhe. <sup>35</sup> Gaafa guyyaa lammaffaa diinaarii lama baasee namicha nama keessummeessutti kennee, akkana isaan jedhe, 'Namicha kana naaf kunuunsi, wanta ati dabalaataan isa irraa baafte immoo ani yommuin deebi'u siifan deebisaa.' <sup>36</sup> Jarreen kanneen keessaa namicha saamtonni miidhan kanaaf isa kamtu ollaa isaa ta'eef?" <sup>37</sup> Innis akkana jedhe, "Namicha isa gaarummaa isatti argisiisee dha." Yesuus akkana isaan jedhe, "Atis dhaqii akkasuma

godhi."<sup>38</sup> Amma isaan utuu imalaa jiranii, inni mandara tokko seene, achitti dubartin Maartaa jedhamtu tokko mana isheetti isa simatte. <sup>39</sup> Isheen obboleetti maqaan ishee Maariyaam jedhamtu, miilla Gooftaa jala teessee dubii isaa dhaggeefataa kan turte tokko qabdi turte.<sup>40</sup> Martaan garuu nyaata isaaf qopheessuudhaaf dhama'aa turte. Isheen gara Yesuus dhufteeakkana isaan jette, "Yaa Gooftaa, si hin gaddisiisuu yommuu obboleettiin koo akkan kophaa koo isin tajaajilu ana gootutti? Kanaafuu, akka isheen ana gargaartu itti naaf himi." <sup>41</sup> Garuu Gooftaan deebiseeakkana isheedhaan jedhe, "Yaa Martaa, Yaa Martaa, ati wanta hedduutti yaaddoftee of dhiphifta," <sup>42</sup> garuu kan barbaachisu waan tokko kophaa dha. Maariyaam isa hundumaa caalu filatteetti, ishee irraa waan hin fudhamne."

## Chapter 11

<sup>1</sup> Gaaf tokko Yesuus bakka tokkotti kadhataa ture. Yommuu inni xumuretti bartoota isaa keessaa inni tokko akkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa,akkuma Yohaannis bartoota isaa barsiisetti atis akka itti kadhannu nu barsiisi."<sup>2</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Yommuu kadhattan akkana jedhaa, 'Yaa Abbaa, maqaan kee haa qulqulla'u, Mootummaan kee haa dhufu.<sup>3</sup> Kan nu ga'u buddeena keenya guyyaa guyyaa nuuf kenni.<sup>4</sup> Cubbuu keenyas nuuf dhiisi, nuyis warra nu yakkaniifakkuma dhiifnu . Qorumsatti nu hin galchin."<sup>5</sup> Yesuus akkana isaaniin jedhe, "Isin keessaa eenuy hiriyaan kan qabu, halkan walakkaas gara siaa deemee, 'Yaa hiriyaan ko, mee buddeena sadii naaf liqeessi,<sup>6</sup> hiriyaan koo tokko daandii irraa gara kootti goree, ani immoo waan isaaf dhi'eessu waan tokko illee hin qabu?<sup>7</sup> Namichi inni mana keessa jiru sun immoo deebisee akkana isaan jedha ta'a, 'Ana hin rakkisin. Balballi cufaamee jira, ijooleen koos ana waliin rafanii siree keessa jiru. Ani amma ka'ee buddeena siif kennuu hin danda'u.'<sup>8</sup> Ani isinittan hima, hiriyaan keessan kun waan isin hiriyaan isaa taatanifiif hirribaa isaa keessaa ka'ee buddeenicha yoo isiniif hin kennine iyyuu, waan isin qaanii tokko malee isa dirqisiiftaniif jedhee ka'ee buddeena hanga isin barbaaddan isiniif ni kenna.<sup>9</sup> Ani dabalees akkanan isiniif jedha, kadhadhaa, innis isiniif ni kennamaa; barbaaddadhaa, ni argattuu; balbala rurrukutua, innis isiniif ni banamaa.<sup>10</sup> Namni kadhatee martinuu ni fudhata; kan barbaades ni argata; kan balbala rurrukutuufis ni banama.<sup>11</sup> Isin keessaa abbaa isa kami yommuu mucaan isaa qurxummii kadhatu kan ijaa qurxummii bofa isaa kenne? F<sup>12</sup> Yookaan yoo inni anqaquu kadhate, bofa?<sup>13</sup> Kanaafuu, isin warri yakkamtooni akka itti waan gaarii ijoolee keessaniif gootan erga beektanii, Abbaan keessan inni waaqa irraa immoo hangam caalchisee Hafuura Qulqulluu warra isaa kadhatanifiif hin kenne ree?<sup>14</sup> Amma Yesuus hafuura hamaa isa duudaa ta'e tokko baasaa ture. Yommuu hafuurichi hamaan sun ba'etti, namichi inni duudaa ture sun dubbannaan, namoonni achi turan ni ajaa'bisiifatan.<sup>15</sup> Garuu naoonni warri kaan immoo akkaana jedhan, "Kan inni sexanoota baasu, Bi'elzebuul, anagaficha seexanootaatiin, ta'uu qaba."<sup>16</sup> Warri kaanis isa qoruudhaaf jedhanii samii irraa mallattoo akka inni isaanitti argisiisu isa gaafatan.<sup>17</sup> Yesuus garuu yaada isaanii beekee, akkana isaaniin jedhe, "Mootummaan tokko ofii isaa gidduutti gargar baanaan baduu isaa ti, manni gargar hirames ni jiga.<sup>18</sup> Seexannis yoo ofii isaa gidduutti gargar ba'e, mootummaan isaa akkamitti dhaabbata? Isin akka ani Bi'elzebuliin seexanoota baasu dubbattuutii.<sup>19</sup> Yoo ani Bi'elzebuliin xeexanoota baase, hordoftooni keessan immoo maaliin isaan baasu ree? Sababa kanaatiif, isaan isin irratti murto kennitoota ni ta'u.<sup>20</sup> Garuu yoo ani quba Waaqayyootiinan seexanoota baasa ta'e, yoos mootummaan Waaqayyoo isinitti dhufeera.<sup>21</sup> Namni jabaan guutummaatti hidhannaa qabu tokko yommuu masaraa isaa eggatutti, qabeenyi isaa nagaatti jiraata,<sup>22</sup> garuu yommuu namni isa irra caalaa jabaa ta'e isatti dhufutti, inni irra jabaatu sun hidhannaa isaa irraa hiikkatee, qabeenya isaa jalaa ni fudhata.<sup>23</sup> Namni ana waliin hin taane, faallaa koo ti, inni ana waliin walitti hin qabnes, ni tamsaasa.<sup>24</sup> Hafuurri qulqulluu hin ta'in nama gadi dhiisee yommuu adeemu, inni bakka bishaan hin qabne irra boqochuudhaaf ni ilaallata. Yoo hin aegatin, inni akkana jedha, 'Ani gara mana koo isan irraa dhufettan deebi'a.<sup>26</sup> Achii inni adeemee kana akka isaatii hafuurota kan biro torba dabalatee, marti isaanii achi keessa jiraachuudhaaf ni dhufu. Kanaafuu haalli namichaa isaa duraa irra kan hammaatu ta'a.<sup>27</sup> Akkuma inni wanneen kana jedheen, dubartiin tokko sagalee ishee uummata keessaa ol kaaftee akkana jette, "Gadameessi si baatee fi harmi ati hoote kaan eebbifamee dha."<sup>28</sup> Inni garuu akkana jedhe, "Kana irra iyyuu, isaan warri sagalee Waaqayyoo dhaga'anii itti jiraatan kan eebbifamanii dha."<sup>29</sup> Akkums nssy'inni nsmooyss fsnslss deemeen, Yesuus akkana jechuu eegale, "Dhaloonti kun dhaloota hamaa dha. Inni mallattoo barbaada, utuma mallattoo kan Yonaas malee mallattoon kan biroon hin kennamuuf ta'ee jiruu.<sup>30</sup> Akkuma Yoonaas saba Nanawweetiif mallattoo ta'e, Ilmi Namaas akkanuma dhaloota amma jiru kanaaf mallattoo dha.<sup>31</sup> Mootittiin Kibbaa guyyaa isa murtoo dhumaatti dhaloota amma jiru kana waliin kaatee isaan ni abaarti, isheen dhuma lafaatii ogummaa Solomoon arguudhaaf waan dhufteef, kanaaf ilaalaa, Solomoon irra kan caalu as jiraa.<sup>32</sup> Namoonni Nanawwee guyyaa murtoo isa dhumaatti dhaloota kana waliin dhaabbanii, isa ni abaaru, isaan lallaba Yoonaasiin qalbii jijiirrataniiru waan ta'eef, kanaaf ilaalaa, kan Yoonas irra caalu as jiraa.<sup>33</sup> Eenuy illee erga ibsaa qabsiisee booda bakka dhokataa yookaan guuboo jala hin kaa'u, garuu warri ol seenan ificha akka arganitti baattuu ibsaa irra kaa'a.<sup>34</sup> Iji keessan ibsaa qaamaa ti. Iji kee yoo gaarii ta'e, qaamni kee marti ifaan ni guuta. Garuu yoo iji kee gaarii hin ta'in, qaamni kee kukkanaan guutama.<sup>35</sup> Kanaafuu, ifni si keessa jiru dukkanaa'aa hin taanetti eeggadhu.<sup>36</sup> Yoos qaamni kee marti ifaan guutuu dha, bu'aan isaa tokko iyyuu dukkanaa'aa hin ta'u, yoos guutummaan qaama keetii akka waan ibsaan qaama kee mara irratti ifu taasisa.<sup>37</sup> Inni dubbatee yommuu raawwatetti, namni Faarisiin tokko akka inni isa waliin mana isaatti nyaat nyaatuuf isa afeere, kanaafuu Yesuus isa waliin nyaattatti taa'e.<sup>38</sup> Yesuus nyaata dura utuu hin dhiqatin hafuu isaatti Faarisichi ni ajaa'ibame.<sup>39</sup> Gooftaan garuu akkana isaan jedhe, "Amma egaa, isin warri Fariisotaa meeshaa keessan kan itti nyaattani fi dhugdan irra isaa qulqulleessitu, garuu keessi keessan

saamtummaadhaa fi hamminaan guuteera.<sup>40</sup> Isin warra gowwaa nana! Isuma keessa uumetu bakkee isaas hojjete mitii ree?<sup>41</sup> Isa keessaa kennaa godhaatii kennaa, yoos wanti hundinuu qulqullaa'aa ni ta'a.<sup>42</sup> "Garuu wayyoo isin warra Fariisotaatiif, isin wanneen xixiqqoo keessaa illee herregdanii kurnoo keessan ni baafstu, garuu hojii qajelinaatii fi jaalala Waqayyo immoo irra darbitu. Qajelinaan hojjechuunii fi jaalala Waaqayyoo qabaachuun barbaachisaa dha, wanneen kaanis hojjechuu utuu hin dagatin.<sup>43</sup> Wayyoo isin warra Fariisotaatiif, isin mana sagadaa keessatti bakka ol aanaa taa'uudhaa fi gabaa keessattis ulfinaan nagaa gaafatamuu jaallattuu.<sup>44</sup> Wayyoo isiniif, isin awwaala mallattoo hin qabne, kan namoonni utuu hin beekin irra adeeman fakkaattutii."<sup>45</sup> Beektota seeraa keessaa inni tokkoakkana isaan jedhe, "Yaa Barsiisaa, wanti ati dubbattu kun nuufis arrabsoo dhaam."<sup>46</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Wayyoo isiniif, barsiisota seeraatiif! Namoota irratti ba'aa isaan baachuu hin dandeenye itti feetu, ofii keessanii garuu ba'aa sanatti quba keessan illee hin buuftaniitii.<sup>47</sup> Wayyoo isiniif, isin raajotaaf iddo awwaalaa ijaartu, kan isaan ajjeese garuu abboota keessani.<sup>48</sup> Kanaafuu isin dhuga baatota taatanii hojii abboota keessanii raggaasiftu, isaan kan ajjeesaniif isin immoo bakka awwaalaa ijaartu waan ta'eef.<sup>49</sup> Isa kanaaf uedhee ogummaan Waaqayyoo akkana jedhe, Ani isaanitti raajotaa fi ergamoota nan erga, isaan immoo kaan kaan isaanii ari'atanii isaan ni ajjeesu.<sup>50</sup> Haaluma kanaan, dhaloonni kun dhiiga raajotaa isa erga biyyi lafaa uumamtee kaasee dhangala'aa tureef itti gaafatamaa dha,<sup>51</sup> dhiiga Abeel irraa eegalee hanga dhiiga Zakkaariyas, isa bakka aarsaatii fi mana qulqullummaa gidduutti ajjeefameetti.<sup>52</sup> Wayyoo isiniif beektota seeraa, isin bantuu beekumsaa bakkeetti gadi baaftanii, ofii keessanii garuu itti hin seentan, warra ol itti seenanis ni dhorkitaniitii."<sup>53</sup> Erga Yesuus achii adeemee, barreessitoonnii fi warri Fariisotaa dhimmoota hedduu irratti isa waliin wal morkatan,<sup>54</sup> waanuma inni dubbatuun isa qabudhaaf jedhanii.

## Chapter 12

<sup>1</sup> Yeruma sanatti, namoonni kumootatti lakkaa'aman hanga wal irra eejjetanitti yommuu walitti qabamanitti, inni duraan dursee bartoota isaatiinakkana jechuu eegale, "Raacitii warra Fariisotaa irraa of eeggadhaa, innis of tuulummaa dha.<sup>2</sup> Garuu wanti dhokatee utuu ifatti hin ba'in hafu hin jiru, kan dhokatee hin beekamin hafus hin jiru.<sup>3</sup> Kanaafuu wanti isin dukkana keessatti dubbattan ifa keessatti dhaga'amuudhaaf jira, wanti isin mana keessatti gurratti himtan bantii manaa irratti labsamuudhaaf jira.<sup>4</sup> Ani isinittan hima, firoota koo, isaan warra qaama namaa ajjeesan hin sodaatinaa, isaan sana booda waan godhan kan biro hin qabanii.<sup>5</sup> Garuu ani isinan akeekkachiisa eenyuun sodaachuuun akka isiniif ta'u. Isa sodaadhaa, isa erga ajjeesee booda, qiliileetti gadi darbachuudhaaf aboo isa qabu. Eeyyee, ani isinittan hima, isa sodaadhaa.<sup>6</sup> Simbirroonni shan saantima xixiqqoo lamatti ni gurguramu mitii? Ta'us isaan keessaa tokko illee ija Waaqayyoo duratti irraanfatamuun hin dandeessu.<sup>7</sup> Garuu rifeensi mataa keessanii marti lakkaa'amaa dha. Hin sodaatinaa. Isin simbirroota hedduu irra gati qabeeyyii dhaatii.<sup>8</sup> Ani isiniinan jedha, eenyu illee namoota duratti yoo dhugaa anaaf ba'e, Ilmi Namaas ergamoota Waaqayyoo duratti dhugaa ni ba'aaf,<sup>9</sup> garuu kan namoota duratti ana ganu, ergamoota Waaqayyoo duratti ni ganama.<sup>10</sup> Eenyu illee Ilma Namaa irratti hamaa yoo dubbate, ni dhiifamaafi, garuu namni Hafuura Qulqulluu maqaa xureessu, dhiifamni hin godhamuufi.<sup>11</sup> Yommuu isaan fuula mna sagadaa duratti, geggeessitoota duratti, aanga'oota duratti, bulchitootaa fi hooggantoota duratti isin dhi'eessan waa'ee maal akka dubbattanii yookaan maal akka jettan hin yaadda'inaa,<sup>12</sup> Hafuura Qulqulluun yeruma sana waan isin jechuu qabdan isin barsiisaatii.<sup>13</sup> Achumaan namoota achi turan keessaa inni tokko akkana isaan jedhe, "Yaa Barsiisa, obboleessi koo akka inni dhaala anaaf hiruuf itti naaf himi."<sup>14</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Namicha nana, eenyu abbaa seeraa yookaan araarsituu godhee ana muude?"<sup>15</sup> Inni akkana isaaniin jedhe, "Fedha albaadhummaa irraa of eeggadhaa, jireeny namaa heddumina qabeenya inni qabuutiin hin madaalamuutii."<sup>16</sup> Achumaan Yesuus mammaaksa isaanitti hime, akkana jechuudhaan, "Bakki qonnaa namicha sooreessa tokkoo heddumminaan midhaan godhate,<sup>17</sup> namichis ofii isaatti dubbachuu eegale, akkana jechuudhaan, 'Egaa maal gochuutu anaaf ta'aa, midhaan koo kana bakkan tuulladhu hin qabuutii?'<sup>18</sup> Akkana jedhe, Wantan godhu kunoo ti. Gombisaa koo diigeeen bal'isee ijaara, midhaan kootii fi meeshaan qabu kan biro achittan kuufadha.<sup>19</sup> Lubbuu kootiin immoo akkanan ittiin jedha, "Yaa lubbuu ko, ati qabeenya hedduu waggoota hedduudhaaf si ga'u kuufatteetta. Boqodhu, nyaadhu, dhugi, gammadi."<sup>20</sup> Garuu Waaqayyo akkana isaan jedhe, 'Yaa namicha gowwaa, galgala kanatti lubbuun kee si harkaa ni barbaadama, egaa wanneen ati qopheeffatte, kan eenyuu ta'uuf jiru?'<sup>21</sup> Namni qabeenya isaa lafa irratti kuufatee garuu Waaqayyotti hiyyeessa ta'e, dhumni isaa kan akkanaa ti.<sup>22</sup> Yesuus bartoota isaatiinakkana ittiin jedhe, "Kanaafuu, ani isinittan hima, waa'ee jirenyea keessanii hin dhiphatinnaa, waa'ee waan nyaattanii; yookaan qaama keessanitti waa'ee waan uffatanii.<sup>23</sup> Jirenyi nyaata irra caalaatii, qaamni namaas uffata irra.<sup>24</sup> Mee waa'ee simbirrootaa yaadaa, isaan hin facaasan, hin haammatanis. Kutaa yookaan gombisaa keessa tuullatanis hin qaban, garuu Waaqayyo isaan ni soora. Isin immoo hangam simbirroota caalaa gati qabeeyyii dha ree!<sup>25</sup> Isin keessaa eenyu dhiphachuudhaan jirenyea isaa irratti yeroo muraasa ida'achuu danda'a?<sup>26</sup> Egaa erga waan xiqqooakkasii gochuu hin dandeenyee, waa'ee wanneen kaanii maaliif dhiphattu?<sup>27</sup> Waa'ee illiliwanii mee yaadaa—akkamitti akka isaan guddatan. Isaan hin hoijetan, jirbiisa hin fo'an. Garuu ani isinittan hima Solomoon illee ulfina isaa sanatti isaan keessaa akka isa tokkotti hin uffanne.<sup>28</sup> Erga Waaqayyo marga bakkee keessaa isa har'a argame bor ibiddatti darbatamuuf jiru akkanatti uffisa ta'ee, inii immoo hangam caalchise haa uffisu, yaa isin warra amantii xiqqaa nana!<sup>29</sup> Waan nyaattanii fi waan dhugan hin barbaadinaa, waa'ee isaaniis hin dhiphatinnaa.<sup>30</sup> Biyyoonni addunyaa kana keessa jiran marti isa kana godhuutii, Abbaan keessan isaan kunneen akka isin barbaachisan ni beeka.<sup>31</sup> Garuu isin mootummaa isaa barbaaddadhaa, yoos isaan kunneen itti isiniif ida'amuutii.<sup>32</sup> Hin sodaatinaa, yaa karra xiqqoo nana, Abbaan keessan mootummaa isaa isiniif kennuudhaaf ni gammadaatii.<sup>33</sup> Qabeenya keessan gurguraa warra hin qabneef kenna. Ofii keessaniif korojoo isa hin uranne qopheeffadhaa—qabeenya isa samii irraa isa hin dhumne, hattuun itti dhi'aachuu kan hin dandeenye, daana'oone kan hin nyaanne.<sup>34</sup> Bakka qabeenya keessan jiru immoo garaan keessanis immoo achi jiraatii.<sup>35</sup> "Mudhiin keessan hidhatamaa fi ibsaan keessan ifaa haa ta'u,<sup>36</sup> akka namoota warra oogganaa isaanii isa niitii fuudhee dhufaa jiru abdiidhaan eeggataniis ta'aa, yommuu inni dhufee balbala rurrukutti, isaan battalatti isaaf balbala ni banuuf.<sup>37</sup> Hojjetoonni yommuu hoogganaan isaanii deebi'ee dhufutti dammaqanii eeggatan eebbfamoo dha. Dhugumaan ani isinittan hima, inni marxfatee, akka isaan tataa'an godhee isaan ni tajaajila.<sup>38</sup> Hooggantichi halkan keessaa kutaa isa lammaffaatti dhufee, yookaan gara bariitti dhufee, idaan qophaa'anii isaan argate, hojjetoonni sun kan eebbfamanii dha.<sup>39</sup> Garuu isa kana hubadhaa, abbaan manaa utuu yeroo hattuun itti dhufu beekee, manni isaa akka cabsamee hatamuuf hin callisiture.<sup>40</sup> Isinis qophaa'oo ta'u qabdu, Ilmi Namaa yeroo isin isa hin eeggannetti dhufuuf jiraatii.<sup>41</sup> Pheexros akkana

jedhe, "Yaa Goftaa, ati mammaaksa kana nu qofatti himta moo, nama marattis ni himta?"<sup>42</sup> Goftaanakkana jedhe, "Eenu ree hojjetaan amanamaadhaa fi hubataan, kan oogganaan isaa hojjetoota warreen kaan irratti akka inni nyaata isaanii yeroo isaa eeggee kennuufiif isa muudu?"<sup>43</sup> Hojjetaan inni oogganaan isaa yommuu deebi'ee dhufutti utuu inniakkana godhuu isa argu eebbifamaa dha.<sup>44</sup> Dhugaatti ani isinittan hima akka oogganaan isaa qabeenya isaa mara irratti akka inni abboomu ni godha.<sup>45</sup> Garuu hojjetaan sun yoo garaa isaa keessattiakkana jedhe, Oogganaan koo dafee hin deebi'u ta'a,' kanaafuu hojjetoota warra dhiiraa fi dubartii kan biroo reebuudhaa fi nyaatee dhugee machaa'u yoo eegale,<sup>46</sup> oogganaan hojjetaa kana yeroo inni hin eeginittii fi sa'atii inni hin beekinitti dhufee gargar isa kukkutee bakka warra hin amanamneef qopheeffametti isa ni gata.<sup>47</sup> Hojjetaan sun, fedha oogganaa isaatii utuma beekuu hin raawwatin hafuu isaatiin rukuttaa guddaan isa irra ni ga'a.<sup>48</sup> Garuu hojjetaan inni utuu hin beekin hafee rukuttaan isa irra ga'e, inni rukuttaa muraasa ni argata. Garuu hedduun kan kennameef irraa hedduutu barbaadama, hedduu irratti itti gaafatamni kan itti kennname irraa caalaatu eegama.<sup>49</sup> "Ani lafa irratti ibidda qabsiisuudhaafan dhufe, akkuman fedhutti ibiddichis qabsiifameera.<sup>50</sup> Garuu ani cuphaanan cuuphamuuf jira, hanga inni raawwatamuttis ani gammachuu hin qabu!<sup>51</sup> Waanan lafa irratti nagaa fiduudhaaf dhufe isinitti fakkaataa? Lakkii, ani isinittan hima, ani gargar baasuufan dhufe.<sup>52</sup> Ammaa kaasee mana tokko kessa kan jiraatan namoonni shan gargar ni ba'u—namoonni sadii faallaa namoota lamaa, namoonni lama immoo faallaa warra sadanii.<sup>53</sup> Isaan gargar hiram, abbaan faallaa ilmaa fi ilmis faallaa abbaa isaatii, haati faallaa intalaa fi intallis faallaa haadha isheetii, amaatiin faallaa haadha manaa ilma isheetii fi isheenis faallaa amaatiis isheetii.<sup>54</sup> Yesuus namoota walitti qabamanii turaniinisakkana jedhaa ture, "Duumessi gara lixaatti yommuu inni ol ka'uuy isaa argitan, yommusumaakkana jettu, 'Roobni dhufa jira,' akkasumas ni ta'a.<sup>55</sup> Yommuu qilleensi gara kibbaa qilleensa'u immoo, isinakkana ni jettu, 'Ho'aa guddaatu dhufaa jira,' akkanumas ni ta'a.<sup>56</sup> Isin of tuultotaa, isin haala samiitii fi kan lafaa himuu ni dandeessu, garuuakkamitti haala yeroo ammaa kana immoo himuu hin dandeessan ree?<sup>57</sup> Maalif waan gaarii isiniif ta'e murteessuu dadhabdan?<sup>58</sup> Mormituukessan waliin gara mana murtii yommuu adeemtan, daandii keessan irratti mormituukessan waliin araaramuudhaaf yaalii godhi akka inni gara abbaa murtiitti si hin geessinetti, abbaan murtiis gara nama isa waajjira keessa jirutti sikennee inni immoo mana hidhaatti akka si hinnn darbinetti.<sup>59</sup> Ani isinittan hima, hanga saantima ishee dhumaa of irraa baaftutti achi keessaa hin baatu."

## Chapter 13

<sup>1</sup> Yeroo sanatti, namoonni tokko tokko waa'ee namoota Galiilaa warra Philaaxoos dhiiga isaanii aarsaa isaan dhi'eessan walin make isatti himan. <sup>2</sup> Yesuus deebiseeakkana issaaniin jedhe, "Namoonni kunneen namoota Galiilaa warra kaan caalaa cubbamoota waan ta'aniif kun kan isaan irra ga'e isinitti fakkaataa?" <sup>3</sup> Lakkii, ani isinittan hima. Garuu isin yoo qalbii hin jijiirratin, marti keessan akkanumatti ni balleeffamtu. <sup>4</sup> Yookaan, namoonni kudha saddettan warri gamoon isaan irratti jigee isaan ajjeese, isaan namoota Yeruusaalem keessa jiraatan warra hafan caalaa cubbamoota isinitti? <sup>5</sup> Lakkii, ani isinittan hima. Garuu isinis yoo qalbii hin jijiirratin, marti keessan akkanumatti ni dhumtu." <sup>6</sup> Yesuus mammaaksa kana immoo isaanitti hime, "Namni tokko muka harbuu maasaa isaa keessaa dhaabbatee ture irraa ija isaa argachuudhaaf gara mukichaa yommuu dhufetti homaa isa irraa hin arganne. <sup>7</sup> Namichis nama isa maasaa irra hojjetuunakkana ittiin jedhe, 'Ilaali, waggoota sadii guutuu muka kana irraa ija argachuudhaaf yoon deddeebi'e iyyuu homaa irraa argachuu hin dandeenye. Murii isa jsgi. Inni maalif akkanumaan lafa balleessa?" <sup>8</sup> "Hojjetichis deebiseeakkana isaan jedhe, 'Obbo, mee waggaan tokoof hin tuqiniitii ani immoo naannoo isaatti biyyoo godheen xaa'oos itti naqeen ilaalaatii. <sup>9</sup> Yoo inni waggaan dhufu ija godhateefi, gaarii; garuu yoo inni ija hin godhatin, haa muramu!" <sup>10</sup> Amma Yesuus guyyaa Sanbataatti mana sagadaa tokko keessatti ni barsiisa ture. <sup>11</sup> Kunoo, dubartiin waggoota kudha saddetiif hafuura dadhabsiisaadhaan qabamte tokko achi turte. Isheen gadi goophattee ol qajeeltee dhaabbachuudhaaf hin dandeessu turte. <sup>12</sup> Yesuus yommuu ishee argetti, ishee waameeakkana isheedhaan jedhe, "Dubartii nana, dadhabina kee irraa biliisomteetta." <sup>13</sup> Inni harka isaa ishee irra kaa'ee, isheen battalumatti kaatee qajeeltee dhabbattee Waaqayyoon galateeffatte. <sup>14</sup> Namichi mana sagadaa sana geggeessu garu Yesuus waan inni guyyaa Sanbataatti ishee fayyiseef hin gammadne. Kanaafuu geggeessaan mana sagadaa sun deebisee namoota achitti walitti qabamaniinakkana ittiin jedhe, "Guyyooni itti hojjetamuun ta'u guyyooni ja'a jiru. Guyyoota kanneenitti kottaa fayyifamaa, guyyaa Sanbataatti utuu hin ta'in." <sup>15</sup> Gooftaanis deebiseeakkana isaan jedhe, "Isin of tuultota nana! Tokkoon tokkoon keessan qotiyoon isaa yookaan harreen isaa yoo boilli qabatee achi keessaa baasee akka inni bishaan dhuguuf gara bishaaniitti kan hin geessine jiraa?" <sup>16</sup> Hintalli Abrahaam kunis akkanuma, isheen Seexanni waggoota kudha sadet guutuu ishee dhiphisaa ture kun, hidhaan ishee kun guyyaa Sanbataatti irraa hiikamuu hin qabuu ree?" <sup>17</sup> Utuma inni wanneen kana jechaa jiruu, warri isaan mormaa turan sun martinuu ni qaana'an, garuu namoonni achi turan marti hojii guddaa inni hojjeteef ni gammadan. <sup>18</sup> Achumaan Yesuusakkana jedhe, "Mootummaan Waqayyoo maal fakkaataa, ani maalitti isa fakkeessu?" <sup>19</sup> Inni muka sanaaficaa namni fuudhee maasaa isaa keessatti darbate fakkaata, innis guddatee muka guddaa ta'e, simbirroonni samiis dhufanii godoo isaanii dameewwan isaa irratti ijaarratan. <sup>20</sup> Ammas irra deebi'eeakkana jedhe, "Ani mootummaa Waqayyoo maal fakkeessu?" <sup>21</sup> Inni raacitiin dubartiin fuutee daakuu safara saditti dabaltee hanga inni bukaa'utti eeggattu fakkaata. <sup>22</sup> Achii Yesuus magaalataa fi mandaroota keessa adeemee barsiisa fi imala isaa immoo gara Yeruusaalemitti qajeelfateef ture. <sup>23</sup> Namni tokkoakkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa, namoota muraasa qofatu fayyaa?" Kanaaf inni immooakkana issaaniin jedhe, <sup>24</sup> "Balbala isa dhiphadhaan ol seenuu dhufanii godoo isaanii dameewwan isaa irratti ijaarratan. <sup>25</sup> Abbaan manichaa ka'ee balbala erga cuufee booda, isin bakkee dhaabbattanii balbalicha rurrukutaaakkana jettu, Yaa Gooftaa, Yaa Gooftaa, ol nu seensisi." Inni immoo deebiseeakkana isiniin jedha, 'Ani isin hin beeku yookaan eessaa akka isin taatan.' <sup>26</sup> "Isinisakkana ittiin jettu, Nuyi si fuul duratti nyaannee dhugneerra, ati immoo daandiwwan keenya irratti barsiisa turtu." <sup>27</sup> "Garuu inniakkana jedhee isiniif ni deebisa, 'Ani isinittan hima, ani eessaa akka isin taatan hin beeku. Ana irraa deemaa, isin martinuu hojjettoota jal'inaati!" <sup>28</sup> Achitti boo'ichii fi ilkaan walitti qaruun ni ta'a yommuu isin Abrahaamiin, Yisaaqiin, Yaaqoobii fi raajota mara mootummaa Waqayyoo keessatti argitan, garuu isin gadi darbatamtaniittu. <sup>29</sup> Namoonni ba'a biiftuutii, lixaa, kaabaa fi kibbaa dhufanii mootummaa Waqayyootti nyaataaf ni dhi'aatu. <sup>30</sup> Isa kana beekaa, warreen gadi deebi'oontan duraa ni ta'u, warreen ol aanoon kan dhumaa." <sup>31</sup> Yeruma sanatti, Fariisonni tokko dhufaniiakkana isaan jedhan, "Heroodis si ajjeesuu waan barbaaduuf bakka kana gadi dhiisii adeemi." <sup>32</sup> Yesuusakkana issaaniin jedhe, "Dhaqii nama sanaanakkana jedhiin, 'Ilaa, ani hafuurot hamoo nan baasa, har'as boris dhukkubsatoota nan fayyisa, guyyaa sadaffaattis itti galma koo bira nan ga'a.' <sup>33</sup> Haala kam keessatti iyyuu, har'a hojii koo itti fufuun ko barbaachisaa dha, borii fi iftaan garuu raajiidhaaf Yeruusaalemiila balleeffamuu waan hin taaneef. <sup>34</sup> Yaa Yeruusaalem, yaa Yeruusaalem, ishee raajota aijeestuu, warreen sitti ergamanis kan dhagaadhaanisaan rukuttuu. Yeroo meejan ijoollee kee akka hindaaqqoon cuucota ishee qoochoo ishee jalatti ammattutti walitti isaan qauuf dhama'e, ati garuu isa kana hin barbaanne. <sup>35</sup> Ilaa, manni kee oneera. Ani sittan hima, hangaakkana jettutti ana hin argitu, 'Maqaa Gooftatiin kan dhufu inni eebbifamaa dha.'"

## Chapter 14

<sup>1</sup> Guyyaa Sanbataa tokkottiakkana ta'e, inni buddeena nyaachuudhaaf mana Faarisii tokkoo seenee utuu inni jiruu, namoonni dhimmanii isa ilaalu turan. <sup>2</sup> Kunoo, namni qaamni isaanii iita'e tokko fuula isaa dura taa'ee ture. <sup>3</sup> Yesuus beektota seera Yihuudotaatii fi Fariisotaakkana jechuudhaan isaan gaafate, "Guyyaa Sanbataatti fayyisuu seerri ni eyyama moo hin eyyamu?"<sup>4</sup> Isaan garuu ni callisan. Kanaafuu Yesuus isa qabee, isa fayyisee gadi isa dhiise. <sup>5</sup> Inniakkanaisaaniin jedhe, "Isin keessaa eenu mucaa yookaan qotiyoo kan qabu guyyaa Sanbataatti yoo inni boolla keessatti kufe achi keessaa kan isa hin baafne?"<sup>6</sup> Isaan garuu dubbiwwan kanneeniif deebii kennuu hin dandeenye. <sup>7</sup> Yesus warri afeeraman bakka ol aanaa akka isaan filatan yommuu argette, mammaaksaan isaanitti dubbate,akkana jedhee,<sup>8</sup> "Cidha gaa'elaatti yommuu namni tokko isin afeerutti, bakka kabajaa hin taa'inaa, namni isin irra kabajamaa ta'e tokko afeerameera ta'aatii.<sup>9</sup> Namichi lamaan keessan iyuu afeere yommuu dhufutti, lamaan keessaniin iyuuakkana jedha, 'Bakka kee kana namicha isa kaaniif gadi dhiisi,' egaa ati qaaniidhaan gara bakka gadi aanaa ta'e deemta.<sup>10</sup> Garuu yommuu afeeramtanitti, dhaqaatii bakka gadi aanaa taa'aa, namni inni isin afeere yommuu dhufutti,akkana isiniin jedha ta'aa, 'Yaa hiriya ko, gara bakka ol aanaa naaf dhaqi.' Yoos isin namoota nyaatatti isin waliin taa'an giduutti ni kabajamtuutii.<sup>11</sup> Namni inni ol ol of qabu gadi ni deebi'a, inni gadi of qabu garuu ol ni qabama."<sup>12</sup> Yesuus namicha isa afeereenis akkana jedhe, "Irbaata yookaan nyaatatti yommuu nama afeertu, hiriyoota kee yookaan obboloota kee yookaan firoota kee yookaan warra dureeyyi hin waamin, isaan deebisanii si afeerutti, atis gatii kee ni deebifattaatii.<sup>13</sup> Garuu yommuu nyaata qopheessitu, warra hiyyeessa, warra okkolan, warra naafatanii fi warra iji isaanii hin argine waami,<sup>14</sup> atis ni eebbfamtaa, isaan siif deebisuu hin danda'aniitii. Guyyaa du'aa ka'uu warra qajeelotaatti siif deebi'aatii."<sup>15</sup> Warra nyaatatti Yesuus waliin taa'an keessaa inni tokko dubbiwwan kanneen yommuu dhaga'etti, akkana isaan jedhe, "Namni mootummaa Waaqayyootti buddeena nyaatu eebbfamaa dha!"<sup>16</sup> Yesuus garuu akkana isaan jedhe, "Namni tokko irbaata guddaa qopheessee namoota hedduu afeere.<sup>17</sup> Yeroon irbaatichaa yommuu ga'etti, hojjetaan isaa gara warra afeeramanii deemee 'Wanti hundinuu qophaa'eeraa, kottaa' akka isaanii jedhuuf ni erge.<sup>18</sup> "Marti isaanii haaluma wal fakkaatuun dhiifama gaafachuu eegalan. Inni jalqabaa akkana jedheen, 'Lafa bitadheen jira, achi adeemee isa ilaaluun qaba. Dhiifama naaf godhi.'<sup>19</sup> "Inni tokkos akkana jedheen, 'Qotiyoo hidhata shan bitadheera, dhaqee isaan leenjisuuun qaba. Dhiifama naaf godhi.'<sup>20</sup> "Ammas inni biroon akkana ittiin jedhe, 'Reefuun haadha warra fuudhe, kanaafuu dhufuu hin danda'u.<sup>21</sup> "Hojjetichi deebi'ee oogganaa isatttiwanneen kanneen itti hime. Abbaan manichaas aaree, hojjetaa isatiin akkana jedheen t, 'Ariifadhuutii gara daandii magalaatti ba'ii hiyyeessota, warra hokkolan, warra iji isaanii hin arginee fi warra naafatan waami.'<sup>22</sup> "Hojjetichi akkana jedhe, 'Yaa gooftaa, wanti ati jette raawwatameera, manni garuu amma iyuu hin guunne.<sup>23</sup> "Abbaan manichaas hojjetaa isatiin akkana jedheen, 'Gara daandii isa guddaatti achi ba'iitii kaanis akka isaan dhufaniif isaan dirqisiisi, manni koo akka guutuuf.<sup>24</sup> Ani immoo akkanan siin jedhaatii, warreen waamaman sana keessaa tokko illee irbaata koo afaaaniin hin qabu."<sup>25</sup> Amma immoo namoonni hedduu isa waliin imala turan, innis itti gara galeeakkana isaanii jedhe,<sup>26</sup> "Eenu illee gara koo kan dhufu yoo abbaa isattti fi haadha isaa, haadha warraa isaa, daa'imman isaa, obbolaa isatii fi jirenya ofii isattti illee kan hin jibbin, bartuu koo ta'uu hin danda'u.<sup>27</sup> Eenu illee fannoo ofii isattti baadhatee kan nah in hordofne bartuu koo ta'uu hin danda'u.<sup>28</sup> Isin keessaa namni gamoo ijaaarrachuu fedhu duraan dursee taa'ee gamoo sana ijaree xumuruudhaaf wanneen isa barbaachisan kan hin erregne isa kami?<sup>29</sup> Yoo kanaa achii, yommuu inni ijaaaruudhaaf bu'uura isaa kaa'ee garuu xumuruu hin dandeenyetti, kan isa argan marti isatuffachuu eegal,<sup>30</sup> akkana isan jechuudhaan, 'Namichi kun ijaaaru eegalee garuu xumuruu hin dandeenye.<sup>31</sup> Yookaan mootii isa kami, isa kaaniin wal loluudhaaf yommuu adeemutti, gadi taa'ee namoota kuma kudhaaniin yookaan kuma digdamaan isa kaanitti ba'uu akka qabu kan gorsa hin gaafanne?<sup>32</sup> Yoo kana hin godhin, raayyaan inni faallaa isattti utuma fagoo jiruu, ergamoota itti ergee haala araaraa ni gaafata.<sup>33</sup> Kanaafuu egaa, isin keessaa kan qabeenya qabu mara kan hin dhiifne bartuu koo ta'uu hin danda'u.<sup>34</sup> Soogiddi gaarii dha, garuu soogiddi minyaa'ina isaa yoo of keessaa dhabe, akkamitti deebi'ee soogidda ta'uu danda'a ree?<sup>35</sup> Inni lafaaf illee xaa'oo ta'uu hin danda'u. Namni gurra ittiin dhaga'u qabu, haa dhaga'u."

## Chapter 15

<sup>1</sup> Amma warri ashuura walitti qabani fi cubbamoonni kan biroon Yesuusiin dhaggeeffachuudhaaf isa biratti walitti qabamu turan. <sup>2</sup> Warri Fariisotaatii fi warri barreessitootaaakkana jechuudhaan walii isaanii gidduutti guunuman, "Namichi kun cubbamoota simata, isaan waliinis ni yaata." <sup>3</sup> Yesuus mammaaksa kana isaanitti dubbate,akkana jechuudhaan, <sup>4</sup> "Isin keessaa namni hoolota dhibba qabu, isaan keessaa isheen tokko yoo badde, warra sagaltamii sagalii dirree irratti dhiisee ishee badde sana hanga argatutti barbaacha kan hin deemne eenu? <sup>5</sup> Achii gaafa ishee argatus immoo gatiittiiisaatti ishee baadhatee ni gammada. <sup>6</sup> Gara mana isaatti yommuu galus, firootaa fi olloota isaa walitti waamee,akkana isaaniin jedha, 'Ana waliin gammadaa, hoolaa koo ishee badde argadheeraatii.' <sup>7</sup> Ani isinittan hima, waaqa irratti yommuu cubbamaan tokko qalbii isaa jijiirratutti gammachuu guddaa isaatu ta'a, warra qulqulloota sagaltamii sagal qalbii jijiirrachuun kan isaan hin barbaachifne irra. <sup>8</sup> Yookaan dubartii ishee kami kan saantima meetii kudhan kan qabdu, isaan keessaa tokko yoo duraa bade, ibsaa kan hin qabsiifanne, hamma isa argattuttis dhimmitee kan hin barbaanne? <sup>9</sup> Yommuu argattettis, firootaa fi olloota ishee walitti waamtee,akkana jetti, Ana waliin gammadaa, saantima koo isa bade argadheeraatii. <sup>10</sup> Anis egaa akkanan isiniin jedha, bakka ergamoonni Waaqayyoo argamanitti gammachuu guddaa isaatu ta'a yommuu cubbamaan tokko qalbii jijiirratutti." <sup>11</sup> Achumaan Yesuusakkana jedhe, "Namni tokko ilmaan lama qaba ture, <sup>12</sup> inni quxisunisakkana abbaa isaatiin jedhe, Yaa abbaa koo, qabeenya kee keessa dhaala anaaf ga'u naaf kenni." Kanaafuu inni qabeenya isaa isaan lamaaniiif addaan qoode. <sup>13</sup> Guyyoota muraasa booddee, qabeenya argate sana mara walitti qabatee gara biyya fagootti qajeele, bakka dhaqe sanattis jirenya hin taane jiraachuudhaan qabeenya qabu sana mara ni balleesse. <sup>14</sup> Amma erga waan qabu mara balleessee booda, biyyi sun beela hamaadhaan ni rukutamte, innis rakkina keessa seene. <sup>15</sup> Inni hojii barbaachaaf gara nama biyya sana keessa jiraatu tokkoo dhaqnaan, namichi akka inni booyyee isaaf eeguuf isa ramade. <sup>16</sup> Namni waan tokko iyyuu akka inni nyaatuuf kennuuf waan hin turreef, inni nyaata booyyeen nyaatu sana illee ni kajeela ture. <sup>17</sup> Garuu gurbaan dargaggeessi kun yommuu gara yaada isaatiitti deebi'utti,akkana jedhe, 'Abbaa kootiif warri hojjetan meeqan isaaniitu nyaata isaan irraa hafaa argata, ani garu asitti beelanan du'aa jira!' <sup>18</sup> Asii ka'een gara abbaa koo deema, isaanis akkanan ittiin jedha, "Yaa abbaa koo, ani waaqas siinis yakkeera. <sup>19</sup> armaan booda mucaa kee jedhamuun naaf hin malu; hojjetoota kee keessaa akka isa tokkoottina lakkaa'i." <sup>20</sup> Achumaan ka'ee dargaggeessichi gara abbaa isaatii deeme. Utuu inni mana isaa irraa fagoo jiruu, abbaan isa argee isaaf ni gadde, itti fiiges isa ammatee ni dhudhungate. <sup>21</sup> Gurbaansiakkana siaan jedhe, 'Yaa abbaa ko, ani waaqas siinis yakkeera. Ani armaan booda ilma kee jedhamuun naaf hin malu.' <sup>22</sup> "Abbaan isaa hojjetoota isaatiinakkana ittiin jedhe, 'Dafaatii dhaqaa huccuu isa gaggaarii fidaatii isatti uffisaa, quba isaattis amartii itti kaa'aa, kophes miilla isaatti. <sup>23</sup> Jibicha isa gabbataa isaa immoo fidaatii qalaa. Haa nyaannu, haa gammadnus!" <sup>24</sup> Ilmi koo kun du'ee ture, amma garuu jiraateera. Badee ture, amma garuu argameera.' Achumaan isaan gammaduu eegalan. <sup>25</sup> "Yeroo kanattilimi isaa inni hangafni dirree irra ture. Yommuu dhufee manatti dhi'aatetti, sagalee muuziqatii fi sirbaa ni dhaga'e. <sup>26</sup> Inni hojjetoota keessaa isa tokko ofitti waamee wanti kun maal akka inni ta'e ni gaafate. <sup>27</sup> Hojjetichisakkana isaan jedhe, 'Obboleessi kee gara manaatti deebinaan abbaan kee waan inni nagaadhaan manatti deebi'ee, jibicha isa gabbataa tokko qale.' <sup>28</sup> "Gurbaan inni hangafni aarii irraa kan ka'e mana seenuu ni dide, abbaan isas dhufee isa kadhate. <sup>29</sup> Garuu gurbaan inni hangafni deebiseeakkana isaan jedhe, 'Ilaa, baroota hedduu kana mara ani hojjetaasiif ta'eera, abboommii ati anaaf kennite takkaa iyyuu didee hin beeku, ati garuu ilmool ee hoola tokko illee naaf hin kennine akkan hiriyoota koo waliin itti gammaduuf, <sup>30</sup> garuu ilmi kee inni qabeenya kee warra gaalamoota waliin balleessaa ture yommuu dhufetti, ati jibicha isa gabbataa isaaf qalte." <sup>31</sup> "Abbaan isasakkana isaan jedhe, 'Yaa mucaa ko, ati yeroo mara ana waliin jirta, wanti ani qabu marti kan kee ti. <sup>32</sup> Garuu nuyi gammaduun nuuf ni ta'a, obboleessi kan kee kun du'ee ture, amma garuu deebi'ee jiraateera; badee ture, amma garuu argameera."

## Chapter 16

<sup>1</sup> Yesuusis bartoota isaatiinakkanaisaaniin jedhe, "Namichi dureessa tokkotu ture, nama qabeenya isaa isaaf bulchu kan qabu, bulchaan kun akka inni qabeenya isaa jalaa balleessutu isatti himame.<sup>2</sup> Kanaafuu namichi dureessi sunis isa waameeakkanaisaan jedhe, 'Wanti ani waa'ee kee dhaga'u kun maal inni? Mee herrega bulchiinsa keetii anaaf kenni, ati armaan achitti bulchaa anaaf ta'uu hin dandeessutii.<sup>3</sup> "Bulchaan sunisakkana ofiin jedhe, 'Maal gochuutu anaaf ta'a, oogganaan koo itti gaafatama anatti kenne ana irraa fudhachuu isaa ti woo? Ani qotuudhaaf dandeettii isaa hin qabu, kadhachuunis na yeellasisa.<sup>4</sup> Waanan godhu beeka, akka namoonri yommmuu ani itti gaafatama koo irraa bu'u mana isaaniiti ana simatanifi.<sup>5</sup> Achumaan inni warra gatiin oogganaa isaatii irra jiru tokko tokkoon waamee, isa duraatiinakkana jedhe, 'Horiin oogganaa kooti hangamtu si irra jira?'<sup>6</sup> "Inniakkana jedheen, 'Dhadhaa ejersaa quunnaa dhibba tokko.' Innisakkana ittiin jedhe, 'Waraqaa walii galtee keetii baasii, gadi taa'ii dafii shantama jedhii barreessi.<sup>7</sup> "Bulchaan kun liqeefataa isa kan biroodhaanisakkana jedhe, 'Gatii hangamtu si irra jira?' "Innisakkana jedheen, 'Garbuu quunaa dhibba tokko.' Isaanisakkana jedheen, 'Waraqaa walii galtee keetii baasii, saddettama jedhii barreessi.<sup>8</sup> Ooggantichi bulchaa jal'aa ta'e kana ni jaje, inni gamnummaadhaan waan adeemeef. Ijoolleen biyya lafaa kanaa ijoollee ifaa irra akka itti uummataisaanii walin jiraatan ni beeku.<sup>9</sup> Ani isinittan hima, qabeenya jal'inaatiin ofi keessanifi hiriyoota horadhaa isaan immoo yommuu qabeenyichi dhumutti, gara jireenya isa bara baraatti isin simatuutii.<sup>10</sup> Namni kan waan muraasa irratti amanamaa ta'e, waan hedduu irrattis ni amanama, inni waan muraasa irratti hin amanamin garuu waan heduttis hin amanamu.<sup>11</sup> Isin qabeenya isa jal'inaan argame kan biyya lafaa kana irratti erga hin amanamnee, qabeenya isa dhugaa irratti eenyutu isin amanuuf jira ree?<sup>12</sup> Isin qabeenya kan nama kan birootti yoo hin amanamin, qabeenya mataa keessanii eenyutu isiniif kennuuf jira ree?<sup>13</sup> Hojjetaan tokko nama lamaaf ergamuu hin danda'u, inni yookaanisa tokko jaallatee isa kaan jibba malee, yookaanisa tokkotti maxxanee, isa kaan tuffata. Isin Waaqayyoo fi qabeenya tajaajiluu hin dandeessan.<sup>14</sup> Amma Fariisonni, warri horii jaallaan, wanneen kana mara ni dhaga'an, isatti qoosanis.<sup>15</sup> Inniakkanaisaaniin jedhe, "Isin ija namaa duratti qajeelota of fakkeessitu, garuu Waaqayyo garaa keessan ni beeka. Namni inni namoota duratti ol ol jedhe Waaqayyo duratti tuffatamaa dha.<sup>16</sup> Hanga Yohaannis dhufutti seeraa fi raajonni fudhatama qabu turan. Yeroo sana irraa kaasee garuu, wangeelli mootummaa Waaqayyoo ni lallabame, namni martis gara sanatti of geessa.<sup>17</sup> Garuu samii fi lafti darbuun ni salphata qubeewwan seeraa keessaa tokkoon ishee illee lafatti baduu irra.<sup>18</sup> Namni kam iyyuu kan haadha warraa isaa hiikee kan biroo fuudhu ejja ni raawwata, inni ishee hiikamte sana fuudhus akkanuma ejja ni raawwata.<sup>19</sup> "Amma namichi dureessi hhuccuu bifatolu kan qunceet talbaa irraa dha'ame uffate tokko kan jireenya isaatti guyyaa guyyaadhaan gammadu tokko achi ture.<sup>20</sup> Kadhataan Laazaarus jedhamu tokkos balbala isaa dura ni ciisa ture, inni qaamni isaa madaadhaan guutee,<sup>21</sup> wanneen maaddii dureessichaa irraa harca'u ni kajeela ture. Saroonni illee dhufanii madaa isaa ni arraabu turan.<sup>22</sup> Achii yeroon isaa geenyaan kadhataan sun ni du'ee ergamoorni baatanii gara Abraahamittiisa geessan. Namichi inni dureessi sunis du'ee ni awwaalame,<sup>23</sup> 23 qiliilee keessatti dhiphataa utuu jiruu, ija isaa ol kaasee fageenyatti Abrahaamiin Laazaarusiinisisa cinatti ni arge.<sup>24</sup> Achumaan inni sagalee isaa ol kaasee,akkana jedhe, 'Yaa abbaa koo Abrahaam, maaloo araara naaf godhiitii Laazaarusiin akka inni quba isaa bishaan cuuphee arraba koo naaf jiisuuuf naaf ergi, ani ibidda kanaan dhiphadherati.<sup>25</sup> "Garuu Abrahaamakkanaisaan jedhe, 'Ilma koo, ati bara jireenya keetii waan gaarii hedduu argatteetta, Laazaarusiis akkanuma waan hamaa margeera. Amma garuu inni asitti itti toleera, ati immoo dabaree kee ni dhiphatta.<sup>26</sup> Kana mara cinatti immoo, gidduu kanatti allayyaan guddaan tolfameera, warra as jiran keessaa gara keessanitti ce'uu kan barbaadan akka hin dandeenyetti, akkasumas warri isin bira jiranis yoo as ce'uu barbaadan hin danda'an.<sup>27</sup> "Namichi dureessi sun deebiseeakkana jedhe, 'Ani sin kadhadha, yaa abbaa koo Abrahaam, akka ati mana abbaa kootiittiisa ergituuf—<sup>28</sup> ani obboloota shaman qaba—akka inni isaan akekkachiisuuuf, akka isaanis bakka ani jiru kana hin dhufneef.<sup>29</sup> "Abrahaam garuuakkanaisaan jedhe, 'Isaan Museedhaa fi raajota qabu; isaaniin haa dhaggeeffatan.<sup>30</sup> "Namiichi inni dureessi sun deebiseeakkana jedhe, 'Lakkii, yaa abbaa koo Abrahaam, yoo warra du'an keessaa namni tokko dhaqe, isaan qalbii jijiirratu.'<sup>31</sup> "Abrahaam garuuakkana ittiin jedhe, 'Yoo Museedhaa fi raajota hin dhaga'in, warra du'an keessaa namni yoo dhaqes hin jijiiraman."

## Chapter 17

<sup>1</sup>Yesuus bartoota isaatiinakkanaisaaniin jedhe, "Dhagaawwan nama gufachiisan akka jiran kan mirkanaa'ee dha, garuu wayyoo namicha karaa isaatiin kun ta'uuf! <sup>2</sup>Isaaf ni wayya ture utuu dhagaan daakuu morma isaatti rarraafamee innis gara galaanaatti darbatamee warreen xixiqqoo kanneen keessaa isa tokko gufachiisu isaa irra.<sup>3</sup>Ofii keessan eeggadhaa. Yoo obboleessi keessan cubbuu hujete, isa ifadhaa, inni yoo deebi'ee, dhiisaafi. <sup>4</sup>Yoo inni guyyaa tokko keessatti si'a torba isin yakke, si'a torbanuu gara keessanitti deebi'eeakkana jedhee, 'Ani balleesseera,' dhiisuufi qabdu!"<sup>5</sup>Bartoonni Gooftaadhaanakkana ittiin jedhan, "Amantii keenya nuuf guddisi."<sup>6</sup>Gooftaanakkana jedheen, "Utuu amantii hanga ija sanaaficaa geessu qabaattanii, muka ejersaa kanaanakkana ittiin jettu, 'Asii buqqa'ii, galaana keessa dhaabbadhu,' innis isiniif abboomama.<sup>7</sup>Garuu isin keessaa enyu namni hujjetaa isaaf qotu yookaan hoolaa tiksukan qabu, yeroo inni hujji irraa gara manaatti deebi'u kanakkana jedhuun, 'Kottuu ariifadhuu taa'ii nyaadhu'? <sup>8</sup>Akkana isaan jedha mitii, 'Waanan nyaadhu mee anaaf qopheessi, mudhii keetti marxifadhuutii hangan nyaadhee dhugee xumurutti na tajaajile. Sana booddee ati immoo nyaattee ni dhugdaa?'<sup>9</sup>Waan abboomame kanneen waan inni raawwateef inni hujjetaa sana hin galateeffatu, ni galateeffataa ree?<sup>10</sup>Isinis immoo akkasuma, wannneen abboomamtan mara yommuu raawwatan,akkana jechuu qabdu, 'Nuyi hujjetoota waa'ee hin baafnee dha. Waanuma raawwachuu qabnu qofa raawwanne.'<sup>11</sup>Inni utuu gara Yeruusaalemitti imalaajiruu, daandii daangaa Samaariyaatii fi Galiilaagiddujirukeessa darbe.<sup>12</sup>Akkuma inni mandara tokko seeneen, namoota dhukkuba lamxiitiin dhukkubsatan kudhan ni arge. Isaanisa irraa fagaatanii dhaabbatanii<sup>13</sup>sagaleisaanii ol fudhataniiakknaisaan jedhan, "Yaa Yesuus, yaa Gooftaa, araara nutti argisiisi."<sup>14</sup>Inni yommuu isaan arge,akkanaisaaniin jedhe, "Dhaqaatii lubootatti of argisiisaa." Akkuma achii deemaniin,isaan ni qullaa'an.<sup>15</sup>Isaan keessaa inni tokko akka qullaa'e yommuu argette, of irra gara galee, sagalee guddaadhaan Waaqayyooni galateeffate.<sup>16</sup>Miilla Yesuus jalatti fuulaisaatiinlafatti gombifamee,isa galateeffate. Namichi kun nama Samaariyaa ture<sup>17</sup>Achumaan Yesuusakkana jedhe, "Nama kudhan hin turre mooo kanneen qulleefaman? Salgan meerre ree?<sup>18</sup>Namicha isa horma ta'e kana maleewarreen kan Waaqayyoof galata galchuudhaaf kan deebi'an hin jiranii?"<sup>19</sup>Isaan immooakkana jedheen, "Ol ka'ii deemi. Amantiin kee si fayyiseeraatii."<sup>20</sup>Mootummaan Waaqayyoo yoom dhufuuf akka jiru Fariisotaangaafatamee, Yesuusakkana jedheesaaniifdeebise, "Mootummaan Waaqayyoo akka namniisa eegetti hin dhufu.<sup>21</sup>Yookaanakkana hin jedhamu, 'kunoo ti, inni as jira!' yookaan, 'Inni achi jira!' Hubadhaa, mootummaan Waaqayyoisin gidduu jiraatii."<sup>22</sup>Inni bartoota isaatiinakkana jedhe, "Guyyoonni isin Ilma Namaa arguudhaaf itti hawwitan ni dhufu,garuu hin argitan.<sup>23</sup>Namoonnisakkana isiniin jedhu, 'Ilaa, achi jira! Ilaa as jira! Garuuisaan waliin hin adeeminaa,<sup>24</sup>bakakkaansamii gar tokko irraa gara isa kaaniitti calaqqisuu guddaadhaanakkuma mul'atu, Ilmi Namaas guyyaaisaattiakkasuma<sup>25</sup>Garuu inni duraan dursawanneen hedduudhaandhiphachuu jira, dhalootakanaanis tuffatamuudhaaf.<sup>26</sup>Akkuma bara Nohitti ta'ee turetti, guyyoota Ilma Namaattis akkanumata'uuf jira.<sup>27</sup>Isaan nyaataa, dhugaa, fuudhaa fi heerumaa, fuudhaa fi heerumatti waliif kennaa turanhang guyyaa Noh dooniiisaatti seeneettii—fi lolaanis dhufeeisaanmara balleesseetti.<sup>28</sup>Haaluma wal fakkaatuun,akkuma bara Looxitti ta'e iyyuu—isaan nyaataa fi dhugaa, bitaa fi gurguraa, biqiltuu dhaabbataa fi manaijaarrataaturan.<sup>29</sup>Garuu guyyaa gaafa Loox Sodoomii ba'etti, ibiddaa fi diiniinsamii irraa roobeeisaanmara balleesse.<sup>30</sup>Haaluma kana fakkaatu boodaanguyyaa mul'achuu Ilma Namaattis akkanumani ta'a.<sup>31</sup>Guyyasanattinamni inni bantii manaa irra jirumeeshaaleeofii kanneenmanakeessa jiran fudhachuudhaafgadi hinbu'in, haaluma wal fakkaatuunnamnidirree irra jirusol deebi'uudhaaf hin yaalin<sup>32</sup>Haadha warraa Looxiinyaadadhaa.<sup>33</sup>Enyu illee jirenya ofii oolfachu kan fedhuisa ni dhaba, namni jirenya ofii gatu garuuisa ni oolfata.<sup>34</sup>Ani isinittanhima, halkan sanattinamoonni lama sireetokko irra ni jiraatu. Inni tokko ni fudhatama, innikaan immoo ni hafa.<sup>35</sup>Dubartoonnilama waliin midhaan daaku. Isheentokkonifudhatamti, isheengaruu ni hafti."<sup>36</sup>waraabbiingaggaariinwarri duraanii36 hin qaban, Namoonnilama dirree irra jiru; innitokkonifudhatama, innikaan garuu ni hafa<sup>37</sup>Isaanisa ni gaafatan, "Eessatti, yaa Gooftaa?"Inniakkanaisaaniin jedhe, "Bakka reefi jirutti, allaattiiwwanachitti wal ga'u."

## Chapter 18

<sup>1</sup>Achumaan akka isaan dammaqanii kadhatanii fi akka isaan abdii hin kutanneef mammaaksa isaanitti hime,  
<sup>2</sup>akkana jedheen, "Magaalaa tokko keessa abbaan murtii Waaqayyoon hin sodaannee fi namootaafis kabaja hin qabne tokkotu ture."<sup>3</sup> Dubarttin tokkos magala sana keessa kan jiraattu, gara abbaa murtii kanatti deddeebitee, akkana isaan ni jetti turte, 'Ana gargaari, mormituu koo irratti murtii qajeelaa naaf kenni.<sup>4</sup> Inni yeroo dheeraadhaaf ishee gargaaruudhaaf hin feene, garuu booda irratti akkana ofii isaatiin jedhe, 'Yoon Waaqayyoon hin sodaatin, namootaafis kabaja hin qabaatin illee,<sup>5</sup> haati hiyyeessaa kun anatti deddeebite waan ana rakkiftuuf, akka isheen murtii argattu nan godha, anatti deddeebi'uudhaan akka isheen ana hin rakkifneef."<sup>6</sup> Achumaan Gooftaan akkana jedhe, "Mee waan abbaan murtii jal'aan kun jedhu dhaga'aa.<sup>7</sup> Amma Waaqayyo warra filatamoo isaa ta'anii halkanii fi guyyaa gara isaatti boo'aniif murtoo qajeelaa hin kennuufi ree? Isaan jalaas ni tursaa ree?<sup>8</sup> Ani isinittan hima akka inni ariitiidhaan murtoo qajeelaa isaaniif godhu. Kunis ta'ee, Ilmi Namaa yommuu deebi'ee dhufutti, dhugaatti lafa kana irratti amantii ni argata ta'aa?"<sup>9</sup> Achumaan inni ammas warra akka waan qajeelota ta'aniitti ofitti amananii warra kaan garuu tuffatanitti mammaaksa kana isaanitti dubbate,<sup>10</sup> "Namoonni lama kadhannaadhaaf gara mana qulqullummaa adeeman—inni tokko Faarisi hennaa ta'u inni kaan immoo nama ashuuraa funaanu ture.<sup>11</sup> Farisichi dhaabbatee wanneen kana waa'ee ofii isaati kadhate, 'Yaa Waaqayyo, ani akka namoota warra kaanii waanan hin ta'iniif sin galateeffadha—akka warra saamtuu, warra qajeelota hin ta'inii, ejjitoota—yookaan akka namicha ashuuraa funaanu kanaa illee.<sup>12</sup> Ani torbanitti guyyota lama nan sooma. Waanan argadhuu keessaas kurnoo nan baasa.<sup>13</sup> Namichi ashuuraa funaanu sun garuu, fageenya irra dhaabatee, ija isaa illee utuu samiitti ol hin kaasin, qoma ofii rurrukutataa, akkana jedhe, 'Yaa Waaqayyo, ana nama cubbamaatti araara kee natti argisiisi.'<sup>14</sup> Ani isinittan hima, namichi kun qulqulla'e manaa ofiitti gale namicha isa kaan caalaa, sababiin isaa namni ol ol of qabu gadi ni qabama, namni gadi of qabu garuu ol ni qabama."<sup>15</sup> Akka inni isaan tuquuf namoonni daa'imman isaanii gara isaatti ni fidu turan, garuu bartoonni yommuu kana arganitti, isaan ni ifatan.<sup>16</sup> Yesuus garuu ofitti isaan waamee, akkana jedheen, "Daa'imman gara koo haa dhufaniif eyyamaafii, ana irra isaan hin dhorkinaa. Mootummaan Waaqayyo kanneen akkasiitiif malaatii.<sup>17</sup> Dhugaatti ani isinittan hima, mootummaa Waaqayyo akka daa'imaatti kan hin simanne tasa itti hin galu."<sup>18</sup> Geggeessaan tokko gaaffi isa gaafate, akkana jechuudhaan, "Yaa Barsiisa gaarii, mootummaa Waaqaa akkan dhaaluuf maal gochuuto anaaf ta'aa?"<sup>19</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Maaliif gaarii anaan jetta? Namni gaariin hin jiru, Waaqayyo tokkicha malee.<sup>20</sup> Ati abboommiiwwan ni beekta—hin ejjin, hin ajeesin, hin hatin, sobaan dhugaa hin ba'in, abbaadhaa fi haadha kee kabaji."<sup>21</sup> Geggeessichis akkana isaan jedhe, "Wanneen kana yommuu dargaggeessa ture irraa eegalee eegeera."<sup>22</sup> Yesuus yommuu kana dhaga'etti, akkana isaan jedhe, "Wanta tokkotu sitti hir'ata. Wanta qabdu mara gurgurtee warra hiyyeessotaaf kennuu qabda, waaqa irratti qabeenya horattaatii—yeroo sanatti kottuu, ana hordofi."<sup>23</sup> Geggeessichi yommuu wanneen kanneen dhaga'etti, hedduu ni gadde, qabeenya guddaa qaba waan tureef.<sup>24</sup> Achumaan Yesuus isa ilaalee F akkana jedhe, "Warra dureeyyi ta'aniif mootummaa Waaqayyotti galuu hangam ulfaataa dha!<sup>25</sup> Gaalli qaawwa lilmo keessa seenetu salphata dureessa tokkoof mootummaa Waaqayyootti galuu irra."<sup>26</sup> Warreen kana dhaga'an akkana jedhan, "Yoos eenyutu fayyuu danda'a ree?"<sup>27</sup> Yesuus akkana jedhee deebise, "Wanneen namootaaf hin danda'amne Waaqayyoof ni danda'amu."<sup>28</sup> Pheexroos akkana isaan jedhe, "Tole, nuyi wanta qabnu mara dhiifnee si hordofne."<sup>29</sup> Yesuus immoo akkana isaaniin jedhe, "Dhugumaan isinittan hima, akka namni tokko illee kan mana isaa, haadha warraa isaa, yookaan obboloota isaa, yookaan hidhata isaa, yookaan ijoollee isaa mootummaa Waaqayyoof jedhee dhiise,<sup>30</sup> yeroo kanattis caalchisee kan hin fudhanne, baroota dhufuuf jiranittis, jirenyaa bara baraa kan hin arganne hin jiru."<sup>31</sup> Warra kudha lamaan of biratti erga walitti isaan qabee booda, akkana isaaniin jedhe, "Ilaa, gara Yerusaalem deemna, wanneen raajotaan waa'ee Ilma Namaatiif barreeffaman marti ni raawwatamu.<sup>32</sup> Inni warra ormoottatti dabarfamee ni kennamaatii, itti ga'ifama, ni salphifama, ittis ni tufama.<sup>33</sup> Erga isa garafanii booda, isa ni ajeesu, guyyaa sadaffaattis inni ni ka'a<sup>34</sup> Isaan wanneen kanneen keessaa homaa hin hubanne, jechi kunis isaan jalaa dhokfame ture, wanneen jedhaman kanneen hin hubanne.<sup>35</sup> Akkana ta'e,akkuma Yesuus Yeriikotti dhi'aateen, namni iji isaa hin argine tokko daandii cina taa'ee ni kadhata ture,<sup>36</sup> gaafa namoota hedduu achiin darbaa jiran dhaga'u, waan ta'aa ture ni gaafate.<sup>37</sup> Akka Yesuus namni Naazireet achiin darbaa ture namoonni isatti ni himan.<sup>38</sup> Kana irratti namichi iji isaa hin argine sun sagalee isa ol kaasee, akkana jedhe, "Yaa Yesuus, Ilma Daawit, araara anatti argisiisi."<sup>39</sup> Namoonni warri fuul dura deeman namicha isa iji isaa hin argine kana ni ifatan, akka inni callisus isatti himan. Inni garuu itti caalchisee iyyuu ni iyye, "Yaa Ilma Daawit, araara anatti argisiisi."<sup>40</sup> Yesuus dhaabbatee namicha gara isaatti akka fidan ni abboome. Achii yommuu namichi iji isaa hin argine sun isatti dhi'aatetti, Yesuus akkana jedhee isa gaafate,<sup>41</sup> "Maal akkan siif godhu barbaadda?" Innis akkana jedhe, "Yaa Gooftaa, agartuu koo deebisee

argachuun barbaada."<sup>42</sup>Yesuusakkanaisaan jedhe, "Agartuu kee fudhadhu. Amantiin kee si fayyiseera."

<sup>43</sup>Battaluma sana agartuuun isaa deebi'eefii innis Waaqayyoongalateeffataisa hordofe. Yommuu kana arganitti, namoonni marti Waaqayyooni galateeffatan.

## Chapter 19

<sup>1</sup>Yesuus achi keessa darbuudhaaf Yeriikotti seena. <sup>2</sup>Kunoo, achis namichi maqaan isaa Zakkewoos jedhamu tokkotu ture. Inni warra ashuuraa funaananiif oogganaadhaa fi dureessas ture.<sup>3</sup> Inni Yesuus eenu akka ta'e arguudhaaf hawwii qaba ture, garuu gabaabaa waan ta'eef hedumina namaatiif isa arguu hin dandeenye.<sup>4</sup> Kanaafuu inni namoota gidduudhaan fiigee darbee dhagee muka harbuu tokko irra ba'e, Yesuus achiin darbaa tureetii<sup>5</sup> Yesuus yommuu bakka sana ga'etti, asii ol ilaalee namichaan akkana jedheen, "Yaa Zakkewoos, dafitii gadi bu'i, ani har'a mana keettan goraatii." <sup>6</sup>Kana irratti ini atattamaan gadi bu'ee gammachuudhaan isa ni simate. <sup>7</sup>Namni marti yommuu kana argetti, isaan marti ni guunguman, akkana jechuudhaan, "Inni gara nama cubbamaatti gore."<sup>8</sup>"Zakkewoos dhaabbatee Gooftaadhaan akkana ittiin jedhe, "Ilaa, yaa Gooftaa, walakkaa qabeenya kootii warra hiyyeessotaaf nan kenna, nama tokko irraa illee waanan gar malee fudhadhe yoo jiraate, dacha afur godhee nan deebisa."<sup>9</sup>Yesuus akkana isaan jedhe, "Har'a fayyinni mana kanaaf dhufeera, inni mucaa Abrahaami woo.<sup>10</sup> Ilmi Namaa namoota warra badan barbaadee fayyisuudhaaf dhufleetii."<sup>11</sup> Isaan wanneen kanneen yommuu dhaga'an, inni dubbachuu itti fufee mammaaksa isaanitti hime, Yeruusaalemitti dhi'aatee tureetii, isaan immoo mootummaan Waaqayyoo battaluma sanatti waan mul'atu isaanitti fakkaatee waan tureef.<sup>12</sup> Inni kanaaf akkana jedhe, "Mootiin tokk biyya fagoo dhagee mootummaa isaa fudhatee deebi'uuf ni adeeme.<sup>13</sup>Hojjetoota isaa keessaa kudhan ofitti waamee akkana isaaniin jedhe, 'Hangan deebi'utti hojji koo sirriitti anaaf hojjedhaa.'<sup>14</sup> "Garuu lammii isaa isa jibbanii, isa duubaan ergamoota ni ergan, akkana jedhanii, 'Namichi kun akka inni nu irratti mo'u hin barbaannu.'<sup>15</sup>Yommuu inni deebi'etti akkana ta'e, inni mootummaa isaa fudhatee, hojjetoota isaa warra horii isaa isaanitti kennee ture akka waamaniifiif ni abboome, hojji hojjetan irraa maal akka isaan buufatan to'achuudhaaf.<sup>16</sup>"Inni duraa fuula isaa duratti dhi'aatee, akkana isaan jedhe, 'Yaa gooftaa ko, qarshin kee kan biraan kudhan argamsiiseera.'<sup>17</sup>"Mootichis akkana isaan jedhe, 'Gaarii goote, hojjetaa gaarii nana. Ati waan xiqqootti amanamteettaati, magaalota kudhan irratti muudamteetta.'<sup>18</sup> "Inni lammaffaans dhufee, akkana jedheen, 'Yaa gooftaa, qarshin kee kan biro shan buufateera.'<sup>19</sup>"Motichis akkana isaan jedhe, 'Ati immoo magaalota shan irratti oogganaa taateetta.'<sup>20</sup>Inni kan biroon dhufee, akkana isaan jedhe, 'Yaa mootii, qarshin kee kunoo ti, ani huuccutti mareen siif kaa'ee,<sup>21</sup>an sin sodaadhee, ati waan hedduu barbaaddaa. Waan hin kaa'inis ni fudhattaa, waan hin facaasinis ni haammataati.<sup>22</sup>"Mootichis akkana isaan jedhe, 'Ani jechuma keetiinan sitti murteessa, ati hojjetaa hamaa nana. Akka ani waan hedduu barbaadu ni beekta, waanan hin kaa'in kanan fudhadhu, kanan hin facaasin kanan haammadhu.<sup>23</sup> Yoos maaliif horii koo baankii keessa anaaf hin keenye ree, yommuun deebi'ee dhufutti akkan dhaa isaa waliin isa argadhutti?<sup>24</sup>Mootichi warreen achi dhaabbatanii turaniin akkana isaaniin jedhe, 'Qarshii ishee inni qabu isa harkaa fuudhaa, isa kudhan qabu sanaafis kennaafii.<sup>25</sup>"Isaan akkana isaan jedhan, 'Yaa mootii, inni qarshii kudhan qaba woo.<sup>26</sup>"Ani isinittan hima, namni waa qabu itti ida'amee isaaaf kennama, isa hin qabne irraa garuu, ishumti inni qabu iyyuu irraa fudhatama.<sup>27</sup>Garuu diinonni koo kunneen, akkan isaan irratti mo'u warrein hin barbaadin, as fidaatii fuula koo duratti isaan ajjeesaa.<sup>28</sup> Wanneen kanneen erga jedhee booda, imala isaa itti fufee, Yeruusaalemitti ol ba'e.<sup>29</sup>Yommuu inni Beetafaageedhaa fi Bitaaniyaatti, tulluu isa Oliif jedhamutti dhi'aatetti akkana ta'e, bartoota isaa keessaa lama of dura erge,<sup>30</sup>akkana isaaniin jedhee,, "Gara mandara isa as dhi'oo jiruu dhaqaatii, akkuma itti seentaniin, harree takkumaa yaabbatamtee hin beekne kan hidhamtee jiru ni argattu. Hidhaattii ishee hiikaati anaaf fidaa.<sup>31</sup> Yoo namni tokko 'Maaliif hiiktu?' jedhee yoo isin gaafate, 'akkana ittiin jedhaa, Gooftaatu ishee barbaada."<sup>32</sup>Wareen ergaman sun harrettii akkuma Yesuus isaaniin jedhetti ishee argatan.<sup>33</sup>Harrettii utuu isaan hiikaa jiranii, abbaan qabeenyaakkaa isaaniin jedhe, "Maaliif harree kana hiiktu?"<sup>34</sup> Isaan akkana isaan jedhan, "Gooftaatu ishee barbaada."<sup>35</sup>Isaan Yesuusitti ishee fidan, huuccu Isaaniis dugda ishee irra buusani Yesuusiin ni yaabbachiisan.<sup>36</sup>Imalaatuu jiranii, isaan huuccuwwan Isaaniidaiidii irra ni afaniif.<sup>37</sup> Akkuma inni bakka tulluun Oliifota itti gadi bu'utti dhi'aateen, guutummaan bartoota isaatii gammaduudhaa fi Waaqayyoon sagalee ok ka'aadhaan galateeffachuu eegalan hojiwwan gurguddaa isa inni hojjeteet organiif,<sup>38</sup>akkana jechaa, "Mootiin inni maqaa Gooftatiin dhufu eebbfamamaa dha! Nagaan waaqa irratti, ulfinnis isa ol gubbaa jiraatuuf!"<sup>39</sup>Fariisota keessaa tokko tokko uummata achitti wal ga'e sana keessaa akkana isaan jedhan, "Yaa Barsiisaa, bartoota kee ifadhu."<sup>40</sup>Yesuus deebisee akkana isaaniin jedhe, "Ani isinittan hima, yoo isaan kun callisan iyyuu, dhagoonni iyyuudhaaf jiru."<sup>41</sup>Yommuu Yesuus magaalchatti dhi'aatetti, inni isaaaf ni boo'eef,<sup>42</sup>akana jechuudhaan, "Guyyaa kana dursite beektee utuu jiraattee, ati iyyuu, wanneen nagaa siif fidan! Amma garuu isaan ija kee duraa dhokataniiru.<sup>43</sup>Guyyoonni dhufuuf jiruutii kan itti diinonni kee si marsanii dallaa sitti ijaaranii kallattii maraan si dhiiban.<sup>44</sup> Isaan lafatti si dabalu, daa'imman kees si waliin. Isaan dhagaa isa tokko illee kan biroo irratti hin hambisan ati yeroo ilaalamuu keetii hin argineetii."<sup>45</sup>Yesuus gara mana qulqullummaatti seenee warrein gurguraa jiran gadi isaan ari'e,<sup>46</sup>akkana isaaniin jedhaa, "Barreeffamee jira,

'Manni koo mana kadhataa ta'a,' isin garuu bakka saamtotaa isa gootan.<sup>47</sup> Kanaafuu Yesuus mana qulqullummaa keessatti guyyaa guyyaadhaan ni barsiise. Angafoonni lubootaatii fi barreessitoonni isa balleessuudhaaf ni yaadu turan, geggeessitoonni sabaas akkanuma,<sup>48</sup> garuu namoonni marti dhimmanii isa dhaga'aa waan turaniif, isaan karaa argachuu hin dandeenye.

## Chapter 20

<sup>1</sup>Guyyaa tokko immo utuu Yesuus namoota achitti wal ga'an barsiisaa fi wangeela isaanitti lallabaa jiruu, angafoonni lubootaatii fi barreessitoonni maanguddoota waliin gara isaa ni dhufan. <sup>2</sup> Isaanakkana jechuudhaan isatti dubbatan, "Nuttu himi, ati aango maalitiin wanneen kanneen mara kan gootu, yookaan aango kana eenu akka siif kenne." Inni deebiseeakkana isaaniin jedhe, "Anis immoo gaaffiin isin gaafadha, isinis anatti himaa. <sup>4</sup>Cuuphaan Yohaannis: Inni waaqa irraa ti moo nama biraatii?"<sup>5</sup> Isaan of keessatti yaadan,akkana jechuudhaan, "Yoo 'Waaqa irraa ti,' jenne, inni immooakkana nuun jedha, 'Yoos maaliifisa hin ammanne ree?' <sup>6</sup>Yoo nuyi, 'Nama biraatii,' jennes, namoonni marti dhagaadhaan nu rukutu, isaan Yohaannis akka inni raajii ta'e amananiiruutii."<sup>7</sup>Kanaafuuisaan eessa akka inni ta'e akka hin beekneisaaf deebisan.<sup>8</sup>Yesuusakkanaisaaniin jedhe, "Anis aango maalitiin wanneen kanneen akkan godhu isiniti hin himu."<sup>9</sup> Inni mammaaksa kana namootatti ni dubbate, "Namni tokko waynii dhaabbatee warra waynii guddisanittis kiraakennatee yeroo dheeraadhaaf gara biyya fagoo adeeme. <sup>10</sup>Yeroo itti waliif galanitti hujjetaa isaa gara warra waynii guddisan sanatti ni ergate, akka isaan ija waynichaaisaaf kennaniif. Isaan garuu hujjetaa sana reebanii harka qullaaisa deebisan.<sup>11</sup> Achuumaan inni hujjetaa kan birooisaanitti erginaan, isas reebanii, isa qaanessanii harka qullaaisa deebisaniiisa ergan. <sup>12</sup>Inni ammasisa sadaffaa isaanitti erginaanisaanisa mammadeessanii, gadi baasaniiisa ni gatan.<sup>13</sup>Kanaafuu abbaan lafa waynii sanaaakkana jedhe, 'Maal godhu? Ilma koo isan jaalladhu nan erga. Tariisa ni kabaju ta'aati.' <sup>14</sup> "Garuu warreen waynii gudisan sun yommuuisa argan,akkana jechuudhaan waliin mari'atan, 'Inni kun dhaaltuu isaa ti. Kottaa isa ni ajjeefnaa, dhaalli isaa kan keenya akka ta'uutti.'<sup>15</sup> Isaan lafa waynichaati gadiisa baasaniiisa ni ajjeesan. Egaa abbaan waynichaa maalisaan gochuutuisaaf ta'a ree?<sup>16</sup> Inni dhufee warra saynii guddisan kanneen ni balleessa, lafa waynichaas namootakan birootti ni keennata."Isaan yommuuisa kana dhaga'anitti,akkana jedhan, "Kun ta'uun haa hafu!"<sup>17</sup> Garuu Yesuus garaisaaniliilaalee,akkanaisaaniin jedhe, "Inniakkana jedhamee barreeffame maal jechuu dha: <sup>18</sup>Eenu illee dhagaa sana irratti yoo kufe inni ni caccaba, kan inniisa irratti kufus ni daakama." "Dhagaan inni warri ijaartuun tuffatan kan golee qajeelchutae'?"<sup>19</sup> Kanaafuu warri bareessitoonni fi angafoonni lubootaa battaluma sanatti harka isaaniiisa irratti diriirsuu barbaadanii turan, akka inni mammaaksa kana waa'eeisaaniitidubbateebaraniiruutii. Garuu uummata immoo ni sodaatan.<sup>20</sup> Of eeggannaadhaanisa ilaala,isaan basaastota warra namootaqajeeloo of fakkeessan ergatan, akka isaandubbii isaa keessa dogongora barbaadanii,isaan qabanii seeraa fi anga'oota bulchiinsabiyyaattiisa kennuudhaaf akka ta'uufitti.<sup>21</sup> Isaanakkana jedhaniiisa gaafatan, "Yaa Barsiisaa, nuyi akka ati waansirrii ta'e dubbattuu fi barsiiftu ni beekna, akka ati nama gidduutti garaagarummaahin goones,garuu waa'ee karaa Waaqayyoo barnoota sirrii ta'e kennita malee.<sup>22</sup>Ashuuraa Qeesaariif baasuun seera moo, seera miti?"<sup>23</sup> Yesuus garuu gamnumisaanii hubatee,akkanaisaaniin jedhe,<sup>24</sup> "Mee dinaarii keessan anatti argisiisaa. Fakkiidhaa fi maqaa eenuutuisa irra jira?" Isaanakkana ittiin jedhan, "Kan Qeesaar."<sup>25</sup> Inniakkanaisaaniin jedhe, "Yoos waan kan Qeesaar ta'e Qeesaariif kennaa, waan kan Waaqayyoo ta'e immoo Waaqayyoof."<sup>26</sup> Isaan wanneen inni saba durattidubbateekeessahomaa dogongora argachuu hin dandeenyegaruu deebii inniisaaniif kennetteajaa'ibamaa,callisan.<sup>27</sup> Warri Saaduqootaa,warri du'aa ka'uun warra du'aniihin jiru jedhanii kanneen amanan,tokkotokkoyommuu gara isaa dhufanitti,<sup>28</sup>akkana jedhaniiisa ni gaafatan, "Yaa Barsiisaa, Museen akka barreessee turetti,yoo obboleessinamtokkotuutaa haadha warraa qabu du'e,garuu yoodaa'ima hin qabaatin,namichi haadha warraa obboleessa isaa isadu'ee haa fuudhu,obboleessaisaafdaa'imas haa godhatuuf.<sup>29</sup> Obbolaantorba kan turanyommuu ta'u, inni angafni haadha warraa fuudhee,utuu daa'ima hin godhatin ni du'e,<sup>30</sup> inni lammaffaanisakkasuma.<sup>31</sup> Inni sadaffaan ishee fuudhee,haaluma kanaantorbanuunisaanii kan daa'ima godhateutuu hin jiraatin ni du'an.<sup>32</sup>Dhuma irratti dubartittiisni duute.<sup>33</sup>Egaa yeroodu'aa ka'uutti isheen haadha warraa isakami taati? Torbanuunisaanii haadha warraa ishee godhataniiruutii."<sup>34</sup> Yesuusakkanaisaaniin jedhe, "Ijoolleena barakana wal fuudhu, fuudhaafiheerumaaniswaliif kennamu.<sup>35</sup> Garuu bara isasanattiarbakka argatanii du'aa ka'an, hin fuudhan, hin heerumanis.<sup>36</sup>Sana booda du'uunis hin jiraatu,isaan ergamotootaa fi ijollee Waaqayyoo waliin wal qixa ni ta'u,ijollee du'aa ka'uutti ta'aniiruutii.<sup>37</sup> Garuu warreendu'an ni ka'u,Museenisisa kana argisiise,bakka margaa keessatti,bakka inniitti Waaqayyoon Gooftaa Abrahaam,kan Yishaqii fi kan Yaaqob waammatteti.<sup>38</sup> Amma inni Waaqayyo warra du'anii miti,garuu kan warra jiranii ti,martinuuisaaf jiraatuutii."<sup>39</sup> Warreen barreessitootaa keessahotkotokkotakka jechuudhaanisaaf deebisan,"Yaa Barsiisaa, ati gaariideebifteetta."<sup>40</sup> Kana booda namni gaaffiisa gaafachuudhaaf ija jabaate hin turre.<sup>41</sup> Yesuusakkanaisaaniin jedhe, "Isaanakkamitt Kiristoos ilma Daawiti jedhu?"<sup>42</sup> Daawit ofiiisaati Kitaaba Faarfannaa keessattiakkana jedhaatii,<sup>43</sup> Daawit egaa Kiristoosiin 'Gooftaa' jedhee waama,kanaafuu inniakkamitt ilma Daait ta'a ree?"Gooftaan Gooftakootiinakkana jedhe,'Gara harkakooisa mirgaataa'<sup>44</sup>,hanganduinotakeejennaa miilla keetii siif godhutti.<sup>45</sup> Utuma namoonni marti dhaga'anii innibartootaisaatiinakkana

isaaniin jedhe,<sup>46</sup>"Barreessitoota irraa of eeggadhaa, isaan warra huccuu gadi dheeraa ufgatanii daandii irraa naanna'anii fi nagaa gaaffii adda ta'e bakka gabaa keessatti argachuu barbaadanii fi bakka taa'umsaa ol aanaa mana sagadaatii fi bakka afeerraan jirutti ofif kennanii dha woo.<sup>47</sup> Isaan mana haadha hiyyeessaa ni saamu, mul'achuudhaaf jedhaniis kadhannaas isaanii ni dheeressu. Namoonni akka kanneenii dheekkamsa guddaa ni dheekkamamu."

## Chapter 21

<sup>1</sup>Yesuus asii ol ilaalee namoota warra dureeyyii utuu isaan meeshaa buusiin itti funaanamu keessa kennaawwan isaanii buusanii ni arge. <sup>2</sup>Haati hiyyeessaa tokkos saantima lama utuu isheen keessa buuftuu ishees ni arge. <sup>3</sup>Kana irratti inniakkana jedhe, "Dhugumaan ani isinittan hima, dubartin iyyeettiin kun isaan mara caalaa kennaa ishee kenniteetti. <sup>4</sup>Isaan kunneen marti waan isaan irraa hafe kennan. Isheen garuu, hiyyuma ishee keessa waan silaa ittiin bultu kenniteetii." <sup>5</sup>Namoonni tokko tokko utuu waa'ee mana qulqullummaa dubbataa jiranii, dhagaawwan mimmidhagoodhaan akka inni miidhagfamee fi kennaa isaan ittiin miidhagfamaniis, inniakkana isaaniin jedhe, <sup>6</sup> "Waa'ee warreen isin argaa jirtan kanaatiif, yeroon dhufuudhaaf jira kan itti dhagaan tokko illee isa kaan irratti hin hafne utuu hin harca'in." <sup>7</sup>Kana irratti isaanakkana jedhaniiisa ni gaafatan, "Yaa Barsiisaa, wanneen kunneen yoom raawwatamu? Wanneen kunneen yommuu isaan raawwatamuudhaaf jedhanitti mallattoowwan akkamittu mul'ata?" <sup>8</sup>Yesuusakkana jedheeisaaniifdeebise, "Of eeggadhaaakkahin gowwoomfamnetti. Hedduun maqaa kootiin dhufuudhaaf jiruutii,akkana jechaa, 'Aniisa dha,'akkasumas, 'Yerichi dhi'aateera.' Isaan faana hin adeeminaa. <sup>9</sup>Lolaa fi jeequmsa yommuu dhageessanitti, hin raafaminaa, isaan kunneen dursanii ta'uudhaaf jiruutii,garuu dhumi battaluma saanatti hin ta'u." <sup>10</sup>Achumaan inniakkana isaaniin jedhe, "Biyyi biyya irratti ni ka'a, mootummaanis mootummaa irratti. <sup>11</sup>Sochiin lafaa jabaan isaa ni ta'a, bakka hedduutis beelaa fi hawaannisni ni jiraatu. Wanneen nama sodaachisanii fi mallattoon hedduun samii irraa ni mul'atu. <sup>12</sup>Garuu wanneen kanneen mara dura,isaan isin irratti harka isaanii ol fudhatanii isiniin ni ari'atu, gara mana sagadaatii fi mana adabaatti isin harkisu, moototaa fi bulchitoota duratti isin dhi'eessu maqaa kootiif jedhanii. <sup>13</sup>Inni kun immoo carraa isin ittiin dhugaa baatan isiniif ta'a. <sup>14</sup>Kanaafuu dursitanii of irraa qolachuudhaaf akka hin qophoofne murteeffadhaa, <sup>15</sup>ani jechootaa fi ogummaa isin ittiin mormitoota keessan ittiin of irraa dhorkitan kan isaan fuul dura dhaabbachuudhaa fi ittiin mormuu hin dandeenyie isiniifan kennaatii. <sup>16</sup>Garuu isin dabarfamtanii warra keessaniin, obboloota keessaniin, firootaan, hiriyoottaa ni kennamtu, kaan keessan du'atti iyuu ni kennamtu. <sup>17</sup>Isin nama maraan ni jibbamtu maqaa kootiif jettanii. <sup>18</sup>Garuu rifeensa mataa keessanii keessaa isheen tokko illee hin baddu. <sup>19</sup>Jabina keessaniin jirenyea keessan ni oolfattuutii. <sup>20</sup>"Yeruusaalem akka isheen raayyaa waraanaatiin marfamte yommuu argitan, hubadhaa yeroon inni itti diigameebadu akka dhi'aate beekaa. <sup>21</sup>Gaafas warreen Yihuudaa gara gaarotaatti haa baqatan, warreen magaalaa keessa jiranis keessaa haa ba'an, warreen baadiyyaa keessa jiranis gara magaalaaatti ol hin seenin. <sup>22</sup>Isaan guyyoota ijaa baafannaatii, wanneen barreffaman marti akka raawwatamanii. <sup>23</sup>Warreen ulfaatii fi warreen hoosisaniiif wayyoo guyyoota sanatti! Laficha irratti gadda guddaa isatu ta'aatii, saba irrattis balaa guddaa. <sup>24</sup>Isaan eeboowwaniin ni kukkufu, biyyoota marattis boojuu ta'anii ni fudhatamu, Yeruusaalemis Ormootaan ni diigamti hanga yeroon Ormootaa raawwatamatutti. <sup>25</sup>"Biiftuu irratti, ji'a irrattii fi urjoota irratti, lafa irrattis mallattoowwan ni mul'atu. Biyyoonti gaddaa fi soda keessa ni seenu, huursaa galaanaatii fi bubbee irraa kan ka'e. <sup>26</sup>Namoonni sodaadhaa fi eegumsa wanneen biyya lafaa irratti dhufaa jiranii irraa kan ka'e of wallaalan ni jiraatu. Humnoonni samiiwwanii ni raafamuutii. <sup>27</sup>Kana booda isaan Ilmi Namaa duumessa keessaan humnaa fi kabaja guddaadhaan utuu dhufuu ni argu. <sup>28</sup>Garuu wanneen kunneen ta'u yommuu eegalanitti, dhaabbadhaatii mataawwan keessan ol qabadhaa, fayyinni keessan isinitti dhi'aateeraatii. <sup>29</sup>Yesuus mammaaksa isaanitti hime, "Muka harbuu ilaala, mukkeetii warreen kaanis. <sup>30</sup>Yommuu isaan daraaraa baafatanitti, isin ofuma keessanii ilaaltanii akka bonni dhi'aate ni beektu. <sup>31</sup>Egaa akkasuma, wanneen kunneen utuu raawwatamanii yomuu argitanitti, mootummaan Waaqayyoo akka inni dhi'aate beeka. <sup>32</sup>Dhugaatti ani isinittan hima, utuu wanneen kunneen hin raawwatamin, dhaloonti kun hin darbu. <sup>33</sup>Samiidhaa fi lafti darbuudhaaf jiru, dubbiin koo garuu hin darbu. <sup>34</sup>Garuu ofii keessan ilaalladhaa, garaan keessan dhugaatiidhaa fi machiidhaan akkasumas yaaddoo jirenyaatiin akka hin gutamnetti, guyyaan sunis tasa akka isin irra hin geenyetti <sup>35</sup>akka kiyyootti. Inni nama irra lafaa irratti argamu maratti dhufuuf jiraatii. <sup>36</sup>Garuu yeroo maratti dammaqaa, wanneen ta'uuf jiran kana jalaa ba'uudhaaf jabina barbaachisu akka qabbaattanii fi Ilama Namaa fuul dura dhaabbachuu akka dandeessaniiif kadhadhaa. <sup>37</sup>Egaa guyyoota inni mana qulqullummaa keessatti barsiisaa ture sanatti, halkaniin gadi ba'ee tulluu isa Oliif jedhamu irra ni ture. <sup>38</sup>Namoonni marti isa dhaggeeffachuudhaaf ganamaan gara mana qulqullummaatti ni yaa'an.

## Chapter 22

<sup>1</sup>Guyyaan Ayyaana Maxinoo, inni Faasikaa jedhamee beekamu, ni dhi'aate. <sup>2</sup>Angafoonni lubootaatii fi barreessitoonni uummata waan sodaatanifi akkamitti Yesuusiin ajjeesan karaa barbaadaa turan. <sup>3</sup>Achumaan Seexanni Yihuudaa isa Asqorticha isa kudha lamaan keessaa tokko ta'etti ni seenee. <sup>4</sup>Yihuudaanis gara angafoota lubootaatii fi geggeessitoota waraanaa deemee akkamittiin Yesuusiin dabarsee akka isaanitti kennu irratti ni mari'atan. <sup>5</sup>Isaanis gammadanii mahaallaqa isaaf kennuudhaaf waliif ni galan. <sup>6</sup>Innis isaaniin waliif galee akkamitti isa uummata keessaa qabee akka isaanitti kennu carraa barbaaddataa ture. <sup>7</sup>Achii guyyaan ayyaana maxinoo, inni hoolaan Faasikaa itti gorra'amu, ni ga'e. <sup>8</sup>Kanaafuu Yesuus Pheexroosii fi Yohaannisiinakkana ittiin jedhee ni erge, "Dhaqaatii irbaata Faasikaa nuuf qopheessaa, akka nyaannuuf." <sup>9</sup>Isaanis akkan isaan jedhan, "Eessatti akka siif qopheessinu barbaadda?"<sup>10</sup>Inni immoo deebiseefii, "Ilaa, yommuu magalaatti seentanitti, namichi meeshaa bishaan itti waraabaa baatu tokko isinitti ni dhufa. Mana isa inni itti seenutti isa faana bu'aa.

<sup>11</sup>Achumaan abbaa manichaatiinakkana jedhaanii, 'Barsiisaanakkana siin jedha, "Manni keessummaa eessa jira, bakki ani bartoota koo waliin nyaata Faasikaa itti nyaadhu?"<sup>12</sup>Innis kutaa ol aanuu keessaa bakka totolfamaa isinitti ni argisiisa. Achitti qophii nuuf godhaa." <sup>13</sup>Achumaan isaan ni deeman, akkuma inni isaaniin jedhettis waan mara ni argatan. Nyaatas achitti ni qopheessan. <sup>14</sup>Yommuu yeroon ga'etti, inni ergamoota waliin ni taa'e. <sup>15</sup>Achumaanakkana isaaniin jedhe, "Utuun hin dhiphatin fuul dura isin waliin Faasikaa kana nyaachuudhaaf hawwiin koo guddaa ture. <sup>16</sup>Waananakkana isiniin jedhuuf, hanga inni mootummaa Waaqayyotti ta'utti deebi'ee isin waliin hin nyaadhuutii." <sup>17</sup>Achumaan Yesuus xoofoo fudhatee, erga galateeffatee booda,akkana jedhe, "Kana fudhadhaa, waliifis hiraatii dhugaa. <sup>18</sup>Ani akkanan isiniin jedhaatii, hanga mootummaa Waaqayyoo dhufutti, ani isin waliin deebi'ee xoofoo kanattii hin dhugu. <sup>19</sup>Achii inni buddeena fudhatee, erga galata dhi'eesssee booda,akkana jedhaa isaaniif kenne, "Kun qaama koo ti, isiniif kan kennamu. Kana yaadanno kootiif godhadhaa." <sup>20</sup>Irbaata booddee haaluma wal fakaatuun xoofoo fudhateeakkana jedheen, "Xoofoon kun dhiiga koo isa isiniif dhangala'uuntiin kan mallatteeffame kakuu haaraa dha. <sup>21</sup>Garuu hubadhaa. Harki nama na ganuuf jiruu ana waliin maaddiitti hiixataa jira. <sup>22</sup>Ilmi Namaaakkuma dursee murtaa'etti, ni deema. Garuu wayyoo namicha isa karaa isaatiin inni dabarfamee kennamuuf!" <sup>23</sup>Isaan inni kun eenyuun ta'uu akka danda'u walii isaanii gidduutti waliin mari'achuu eegalan. <sup>24</sup>Kana booda immoo isaan gidduutti enyu isaan keessaa kan caalu akka ta'e irratti wal morkiin ni uumame. <sup>25</sup>Inniakkana isaaniin jedhe, "Mootiin warra Ormootaa isaan irratti gooftaadha, warri isaan irratti aboo qabanis warreen hojiiwwan gaggaarii hoijjetan jedhamanii beekamu. <sup>26</sup>Isin biratti garuu kun ta'uu hin malu. Ijaa kanaa, isin keessaa inni ol aanu akka isa booddee haa ta'u, inni geggeessus akka nama isa tajaajiluu haa ta'u. <sup>27</sup>Egaa inni mara keessaa inni caalu enyu, isa nyaatatti dhi'aatee taa'u moo isa tajaajilu? Isa taa'ee nyaatuu dha mitii? Ani garuu isin gidduutti akka nama tajaajiluu ti. <sup>28</sup>Isin garuu qoramuu koo keessatti kan ana waliin hanga dhumaatti turtanii dha. <sup>29</sup>Akkuma Abbaan koo mootummaa irra ana kaa'e, anis mootummaa irra isiniin nan kaa'a, <sup>30</sup>akka isin mootummaa koo keessatti ana waliin nyaatanii dhugdaniif, qomoo Israa'el kudha lamaan irratti murtoo kennuudhaafis akka isin teessoo irra teessanii. <sup>31</sup>Yaa Simon, yaa Simon, dammaqi, Seexanni si argachuudhaaf gaafateeraatii, akka qamadiitti si gingilchuudhaaf. <sup>32</sup>Ani garuu siif kadhadheeraa, amantii kee akka hin badneef. Erga asii deebitee galtee immoo obboloota kee jajjabeessi. <sup>33</sup>Pexroosakkana isaan jedhe, "Yaa Gooftaa, ani si waliin mana adbaas ta'e gara du'aa iyyuu dhaquudhaaf qophaa'eera." <sup>34</sup>Yesuus deebiseefiiakkana isaan jedhe, "Ani sittan hima, yaa Phexroos, ati akka ana beektu utuu si'a sadii ana hin ganin har'a hindaaqoon hin iyyitu." <sup>35</sup>Achumaan Yesuusakkana isaaniin jedhe, "Yommuu ani korojoo, meeshaa kan itti baadhathan, yookaan kophee malee isin bobbaasee turetti wanti isinitti hir'atee tureeraa?" Isaanis deebisaniiakkana jedhaniin, "Homaa." <sup>36</sup>Achumaan inniakkana isaaniin jedhe, "Amma garuu, namni inni korojoo qabu haa fudhatu, waan meeshaa itti baadhathanis akkasuma. Namni gooraadee hin qabne, huuccuu ofii illee gurguree haa bitatu. <sup>37</sup>Ani isinittan himaa, waa'ee kootiif wanti barreeffamee ture raawwatamuun ni ta'aaf, 'Inni warra seera maleeyyi duukaa lakkaa'ame.' Wanti waa'ee kootiif raajame raawwatamaa jiraatii." <sup>38</sup>Achumaanisaanakkana jedhan, "Yaa Gooftaa, ilaa! Goraadeen lama as jiru." Inniakkanaisaaniin jedhe, "Ga'aa dha." <sup>39</sup>Yesuusakkuma yeroo kaan godhaa turetti gara Tulluu Oliifitti ol ba'e, bartoonniisaasisa n hordofan. <sup>40</sup>Yommuu achi ga'an, inniakkanaisaaniin jedhe, "Akka qoramsatti hin seenneef kadhadaa." <sup>41</sup>Inniisaan irraa hanga darbannaadhaagaa tokkoo ni fagaate, jilbeenfatees ni kadhate, <sup>42</sup>akkana jedhee, "Yaa Abbaa, yoo fedha kee ta'e, xoofoo kana ana irra dabarsi. Haa ta'u malee kan koo utuu hin ta'in, fedhi kan kee ha raawwatamu." <sup>43</sup>Achumaan ergamaan waaqa irraa isatti mul'ateeisa ni jajjabeesse. <sup>44</sup>Dhiphinuma keessa taa'ee, inni dhimmee ni kadhate, dafqiisaas akka dhiiga lafatti dhangala'aa jiruu ta'e. <sup>45</sup>Yommuu inni kadhannaaisaa irraa ka'etti, inni dhufee bartoonniisaagadda isaanii irraa kan ka'e rafaniiisaanargatee <sup>46</sup>akkana jedheeisaangafate, "Maaliif raftanii? Ka'atii kadhadaa, qoramsatti akka hin seenneef." <sup>47</sup>Utuma innidubbataajiruu, kunoo, namoonni hedduun Yihuudaa isa warra

kudha lamaanii keessaa ta'een geeggeeffamanii gara isaa ni dhufan. Yihuudaan isa dhudhungachuudhaaf gara isaatti ni dhi'aate,<sup>48</sup> Yesuus garuu akkana isaan jedhe, "Yaa Yihuudaa, ati Ilma Namaa dhudhungachuudhaan dabarsitee kennitaa?"<sup>49</sup> Warreen Yessu waliin turan wanneen ta'aa jiran kanneen yommuu arganitti, akkana jedhan, "Yaa Gooftaa, goraadeedhaan isaan rukunnu?"<sup>50</sup> Achumaan isaan keessaa inni tokko hojjetaa angafa lubootaa tokko rukutee gurra isaa irra kute.<sup>51</sup> Yesuus akkana jedhe, "Ni ga'a!" Gurra namichaa ni tuqe, innis ni fayyef.<sup>52</sup> Yesuus angafa lubootaatiin, ooggantoota mana qulqullummaatii fi maanguddoota warreen isa irratti dhufaniin akkana jedheen, "Akka nama saamtuu irratti duuluutti anatti dhuftanii, goraadeedhaa fi hoomaadhaan?"<sup>53</sup> Isin waliin guyya guyyaadhaan yommuun mana qulqullummaa keessa turetti, harka keessan anatti hin buufne. Amma garuu kun yeroo keessanii fi kan aangoowwan dukkanaa ti.<sup>54</sup> Isaan isa qabani, gara mana hangafa lubootaatti isa ni geessan. Phexroos garuu fageenyaan hordofaa ture.<sup>55</sup> Isaan erga oobdii keessatti ibidda bobeessanii booda, itti marsanii taa'an, Phexroosis isaan gidduu ni taa'e.<sup>56</sup> Ifa ibiddaatiin isa argitee, hojjettuun dubartii tokko ija isaa keessa ilaaltee, akkana jette, "Namichi kunis isa waliin ture."<sup>57</sup> Phexroos garuu akkana jechuudhaan ni gane, "Dubartii nana, ani isa hin beeku"<sup>58</sup> Yeroo gabaabduu booddee, namni kan biroon tokkos isa argee, akkana jedheen, "Atis isaan keessaa tokko." Phexroos garuu akkana jedhe, "Namicha nana, ani isaan keessaa miti."<sup>59</sup> Naannoo sa'atti tokkoo booda, namni kan biroon tokko jabeessee akkana isaan jedhe, "Dhugumaan namichi kun isa waliin ture, inni nama Galilaa ti woo."<sup>60</sup> Phexroos garuu akkana jedhe, "Namicha nana, waan ati dubbattu kana ani hin beeku." Battalumatti, utuu inni dubbataa jiruu, hindaaqoon ni iyrite.<sup>61</sup> Gara itti galee, Gooftaan Phexroosiin ni ilaale, Phexroosis dubbii Gooftaan dubbatee ture ni yaadate, isa inni akkana jedhee ture, "Har'a utuu hindaaqoon hin iyyin si'a sadii na ganta."<sup>62</sup> Phexroos manaa gadi ba'ee boo'icha guddaa ni boo'e.<sup>63</sup> Achumaan namoonni Yesusiin qabatanii jiran isatti ni qosu, ni rebus turan.<sup>64</sup> Isaan huccuu isatti maranii isa gaafatan, akkana jedhanii, "Raaji! Eenyu kan si rukutaa jiru kun?"<sup>65</sup> Isaan Yesuus irratti wanneen isa gadi qaban hedduu dubbatan.<sup>66</sup> Akkuma lafti bari'een, maanguddoonni biyyaa, hangafoonni lubootaa fi barreessitoonni walitti ni qabaman. Isaan gara yaa'iiti isa ni geessan<sup>67</sup> akkana jedhan, "Ati yoo Kiristooсиi taate nutti himi." Inni garuu akkana isaaniin jedhe, "Yoon isinittti hime, isin hin amantan,<sup>68</sup> yoon isin gaafadhes, isin hin deebiftan.<sup>69</sup> Garuu amma irraa eegalee, Ilmi Namaa gara harka mirgaa humna Waaqayyoo taa'uuf jira."<sup>70</sup> Isaan marti akkana jedhan, "Egaa ati Ilma Waaqayyootii ree?" Yesuus akkana isaaniin jedhe, "Isini iyyuu akkan ta'e jechaa jirtu."<sup>71</sup> Isaan akkana jedhan, "Nuyi amma iyyuu maaliif raga barbaadnaa? Nuyi ofii keenyaa afaan isaa irraa dhageenyeeraatii."

## Chapter 23

<sup>1</sup>Martii isaanii lafaa ka'anii Yesuusiin gara Philaaxoositti fidan. <sup>2</sup>Akkana jedhaaniis isa himachuu eegalan, "Namichi kun utuu inni uummata keenya gara dabarsuu isa arganneerra, Qeesaariif ashuuraan akka hin kennamne gochuu isaatii fi ofii isaatii immoo Kiristoos mooticha ofin jechuu isaas." <sup>3</sup> Philaaxoosis akkana jedhee isaa ni gaafate, "Ati mootii warra Yihuudotaa tii?" Yesuus akkana jedhee isaaaf deebise, "Ati akkas jechaa jirta." <sup>4</sup> Philaaxoos angafoota lubootaatii fi uummata achitti walitti qabame saanaan akkana jedheen, "Ani balleessaa tokko illee nama kana irratti hin argine." <sup>5</sup> Isaan garuu akkana jechuudhaan isa ni dirqisiisan, "Inni saba kakaasaa jira, Yihuudaa mara keessatti, Galilaadhaa eegalee hanga bakka kanaatti iyyuu, mara isaanii barsiisuudhaan." <sup>6</sup> Kanaafuu Pilaaxoos yommuu isa kana dhaga'etti, akka namichi nama Galilaa ta'e isaan gaafate. <sup>7</sup> Akka inni bulchiinsa Heroodis jala ta'e yommuu dhaga'etti, Yesuusiin gara Heroodis isa ofii isaatii yeroo sanatti Yeruusaalemiin jirutti isa erge. <sup>8</sup> Heroodis Yesuusiin yommuu argetti, inni guddaa ni gammade, yeroo dheeraadhaaf isa arguudhaaf fedha qaba waan tureef. Waa'ee isaa dhaga'ee waan tureef, ajaa'iba inni hojjetu keessaa arguudhaaf ni hawwas ture. <sup>9</sup> Heroodis Yesuusiin jechoota hedduudhaan gaaffi isaaaf dhi'eesse, Yesuus garuu homaa isaaaf hin deebifne <sup>10</sup> Angafoonni lubootaatii fi barreessitooni achi dhaabbatanii cimsanii isa himataa turan. <sup>11</sup> Heroodis raayyaa waraanaa isaa waliin Yesuusitti tuffii ni argisiise, isaanis isatti ni qoosan. Kana booda isaan huccuu miidhagaa isatti uffisanii deebisanii Philaaxoositti isa ni ergan. <sup>12</sup> Heroodisii fi Philaaxoos warreen sana dura diinota waliif turan guyyuma sana irraa kaasee walitti ni michooman. <sup>13</sup> Achumaan Philaaxoos angafoota lubootaa, geggeessitootaa fi uummata mara walitti qabee <sup>14</sup> akkana isaaniin jedhe, "Isin namicha kana akka namaa karaa irraa kaachisutti himachuudhaan anatti isa fiddan, egaa ilaala, ani isin fuul duratti isa gaafadheera, wanneen isin ittiin isa himattan ilaachissee garuu homaa isa irratti hin arganne." <sup>15</sup> Lakkii, Heroodisis akkanuma, inni deebisee gara keenyatti isa ergeetii, egaa ilaala, isaan wanti hojjetame wanti du'aan isa ga'u tokko illee hin jiru. <sup>16</sup> Kanaafuu ani adabeen gadi isa dhiisa." <sup>17</sup> hin qaban, Amma Philaaxoos guyyaa ayyaanaatti nama tokko gadi dhiisudhaaf dirqama qaba <sup>18</sup> Isaan garuu martinuu wal faana ni iyyan, akkana jechuudhaan "Balleessi namicha kana, Baraabaasiin gadi nuuf dhhisi!" <sup>19</sup> Baraabaas nama jeequmsa magaalaa keessatti uumuudhaa fij ajjeechaa namaatiinis hidhame ture. <sup>20</sup> Philaaxoos ammas deebisee isaanitti dubbate, Yesuusiin gadi dhiisuu fedhee. <sup>21</sup> Isaan garuu ni iyyan, akkana jedhanii, "Isa fannisi, isa fannisi." <sup>22</sup> Inni yeroo sadaffaadhaf akkana issaaniin jedhe, "Maaliif, namichi kun yakka maalii hojjete? Ani waan du'aan isa ga'u waan inni hojjete isa irratti hin argine. Kanaafuu, ergan isa adabee booda, gadi isa nan dhiisa." <sup>23</sup> Isaan garuu sagalee guddaadhaan isa dirqisiisuu ittuma fufan, akka inni fannifamu gaafachuudhaan. Sagaleen isaanii Philaaxoosiin ni amansiise. <sup>24</sup> Kanaafuu Philaaxoos fedha isaanii ni raawwateef. <sup>25</sup> Isa isaan akka gadi dhiifamuuf gaafatan namicha isa jeequmsa uumuudhaa fi ajjeechaadhaan hidhamee ni hiikeef. Yesuusiin garuu fedha isaaniitti dabarsee isa kenne. <sup>26</sup> Isaan utuu isa fuudhanii ba'aa jiranii, Simoon nama jedhamu nama Qareenaa tokko utuu inni gara biyyaatii deebi'aa jiruu qabatanii, akka inni fannoo sana baatee Yesuusiin faana bu'u isa ni godhan. <sup>27</sup> Uummanni hedduunii fi dubartoonni isaa fi gaddaa fi boo'aa turan isa faana bu'aa turan. <sup>28</sup> Yesuus garuu isaanitti gara galee, akka issaaniin jedhe, "Yaa ijoollota Yeruusaalem, anaaf hin boo'inaa, ofii keessanii fi ijoollota keessaniiif boo'aa malee. <sup>29</sup> Ilaa, guyyooni akkana itti jedhamu dhufuuf jiruutii, 'Warri dhabduunii fi garaan dhala hin baatin eebbfamoo dha, harmi hin hoosifaminis.' <sup>30</sup> Achumaan isaan tullootaan akkana jechuu ni eegal, 'Nu irratti jigaa,' tabbwaniiniis, 'Nu dhoksa.' <sup>31</sup> Isaan utuu baalli mukkeetii magariisaa ta'anii jiranii erga akkana jedhanii, yommuu isaan gogan immoo maaltu ta'uuf jira ree?" <sup>32</sup> Namoonni kan biroon, yakkamtoonni lama ta'an, isa waliin du'atti kennamuuf isa waliin geeffamaa turan. <sup>33</sup> Yommuu bakka "Lafee Mataa" jedhamee beekamu ga'nitti, isaan isaa fi warra yakamtoota sana lamaan ni fannisan—isa tokko harka mirgaa isatti, isa kaanis harka bitaatti. <sup>34</sup> Yesuus akkana jedha, "Yaa Abbaa. Isaaniif dhiise, waan godhaa jiran hin beekaniitii." Achumaan isaan huccuu isaa qoqqoddachuudhaaf carraa ni buufatan. <sup>35</sup> Uummanni dhaabbatee warra bulchitootaa ilaala ture, yommuu isaan isatti qoosan, akka jechuudhaan, "Inni namoota kan biroo oolcheera. Ofii isaas mee haa oolchu kaa. Yoo dhuguma Kiristoos isa kan Waaqayyoo, isa filatame sana, yoo ta'e." <sup>36</sup> immoo isatti qoosan, isatti dhi'aatanii dhangaggaa'aa isaaft kennuudhaan, <sup>37</sup> akkanas isaan jedhaa, "Ati Mootii Yihuudotaa yoo taate, ofii kee oolfadhu kaa." <sup>38</sup> Mataa isaa irras mallattoon akkana jedhu tureera, "Inni kun Mooticha Yihuudaa ti." <sup>39</sup> Warreen yakkamtoota isa waliin fannifaman keessaa inni tokko akkana jechuudhaan isa arrabsaa ture, "Ati Kiristoosi miti moo? Ofii kee oolfadhu, nuunis." <sup>40</sup> Inni kaan garuu isa ni ifate, akka isaan jechuudhaan, "Ati Waaqayyoon hin sodaattu moo, atis abaarsa wal fakkaatu keessa jirtaati?" <sup>41</sup> Nuyi kan as jirru seeraan nutti murtaa'ee ti, waan hojji keenyaaf ta'utu nuuf keenname. Namichi kun garuu homaa hin balleessine. <sup>42</sup> Achumaan inni akkana jedhe, "Yaa Yesuus, mootummaa keetti yommuu dhuftu ana yaadadhu." <sup>43</sup> Yesuus akkana isaan jedhe, "Dhugumaan ani akkanan siin jedha, ati har'a ani waliin jannatatti ni galta." <sup>44</sup> Amma yeroo sa'atii ja'a ta'etti, hanga sa'atii sagaliitti

kan turu dukkanni lafa mara ni uffise<sup>45</sup> biiftuun dukkanatti waan jijiiramteef. Achumaan golgaan mana qulqullummaa bakka lamatti ni tarsa'e.<sup>46</sup> Sagalee guddaadhaan iyyee, Yesuu akkana jedhe, "Yaa Abbaa, ani hafuura koo harka keettan kennadha." Erga kana jedhee booda inni ni boqote.<sup>47</sup> Ajajaan dhibbaa achi ture yommuu waan ta'e kana argetti, Waaqayyoon ni galateeffate, akkana jechuudhaan, "Dhugumaan kun nama qajeeelaa ture."<sup>48</sup> Uummanni waan ta'aa ture kanaaf raga ba'uudhaaf achitti walitti qabaman waan raawwatame kana yommuu argan, isaan qoma isaanii rurrukutataa deebi'anii deeman.<sup>49</sup> Warri isa beeku turanii fi dubartoonni warreen Galiilaadhaa isa hordofan garuu faggenya dhaabbatanii wanneen kanneen ni ilaalu turan.<sup>50</sup> Kunoo, namni maqaan isaa Yoseef jedhamu tokko achi ture, inni miseensa Yaa'ii ture. Inni nama gaariidhaa fi qajeeelaa ture.<sup>51</sup> Namichi kun karoora fi tarkaanffii isaaniitti waliif hin galle ture. Inni Armaatiyaa, magaalaa warra Yihuudaatii ture, mootummaa Waaqayyoos nama eeggachuu turee dha.<sup>52</sup> Namichi kun, Philaaxoositti dhi'aatee reefa Yesuus ni kadhate.<sup>53</sup> Inni gadi buusee, huccuu naayilooniitiin maree, awwaala isa dhagaa irraa qirixame, namni kan biroon keessa kaa'amee kan hin beekne, keessa ni kaa'e.<sup>54</sup> Guyyichi Guyyaa Qophiitii fi Sanbanni yeroo itti seenuudhaaf jiru ture.<sup>55</sup> Dubartoonni warreen Galiilaadhaa isa hordofan awwaalichaa fi reefi isaas akkamitti akka achi keessa kaa'ame ni ilaalan.<sup>56</sup> Isaan achii deebi'anii urgooftuudhaa fi dibata ni qopheeffatan. Achii booda guyyaa Sanbataatti akka abboommichaatti ni boqotan.

## Chapter 24

<sup>1</sup>jalqaba torbaniitti isaan ganameeffatanii urgooftuu isa qopheeffatanii turan qabatanii gara awwaalichaa ni dhufan. <sup>2</sup>Dhagichi awaalicha ittiin cufanii turanis garagalfamee argatan. <sup>3</sup>Isaan keessa seenanii, garuu reefa Gooftaa Yesuus achi keessatti argachuu hin dandeeny. <sup>4</sup>Yeroo isaan waan godhan wallalanii jiranitti, akkuma tasaa namoonni lama huccuu hedduu adii ta'e uffatanii achi dhaabbatanii argan. <sup>5</sup>Utuu dubartoonni sun sodaatanii gadi guggufanii jiranii, jarri dubartoota sanaanakkana jedhaniin, "Isin maaliif isa jiraataa warreen du'an keessa barbaaddu? <sup>6</sup>Inni as hin jiru, garuu du'aa kaafameera! Yaadadhaha, Galilaa yommuu turetti wanneen inni isinitti dubbataa ture, <sup>7</sup>Ilmi Namaa harka warra cubbamootaatti dabarfamee akka kennamuudhaaf jiru, akka fannifamuu fi guyyaa sadaffaattis akka du'aa ka'u. <sup>8</sup>" Dubartoonni sun jechoota isaa ni yaadatan <sup>9</sup>bakka awwaalichaati deebi'anis wanneen kanneen warra kudha tokkootii fi warreen kaanittis ni odeessan.

<sup>10</sup>Achumaan Maariyaam isheen Maqidallaa, Yohaanaan, Maariyaam haati Yesuus fi kan Yaaqobii fi dubartoonni kanneen isaan waliin achi turan wanneen kanneen ergamootatti ni gabaasan. <sup>11</sup>Garu ergaan kunneen ergamootatti akka waan oduu gatii hin qabnee isaanitti fakkaate malee isaan dubartoota sana hin amanne.

<sup>12</sup>Achumaan Phexroos ka'ee gara awwaalichaati ni fiige, gadi gugguufee achi keessa yommuu ilaalu, huccuu naayiloonii sana kophaa arge. Phexroos achumaan gara mana issaatiitti deebi'e, waan uumame kana ajaa'ibsiiifataa. <sup>13</sup>Kunoo, isaan keessaa lama guyyuma sanatti gara mandara Emaawus jedhamee beekamu Yeruusaalem irraa kiiro meetira jaatama kan fagaatu tokkotti imala turan. <sup>14</sup>Isaan waa'ee wanneen gidduu sana raawwatamanii waliin dudubbataa adeemu turan. <sup>15</sup>Utuma isaan wanneen kanneen waliin dudubbataa adeemanii, Yesuus ofii issaatiit dhi'aatee isaan waliin imaluu eegale. <sup>16</sup>Garuu iji isaanii akka isa hin hubanneef itti dukkanaa'ee ture. <sup>17</sup>Yesuusakkana isaaniin jedhe, "Maal wanti isin lamaan waliin dudubbataa adeemtan kun?" Isaan fuula gaddaatiin achi dhaabbatan. <sup>18</sup>Isaan keessaa inni tokko, Kliyoopaas kan jedhame, akkana jedhee isaanf deebise, "Ati qofaan waan gidduu kana Yeruusaalem keessatti ta'e kan hin beekne maali?" <sup>19</sup>Yesuusakkana isaaniin jedhe, "Waa'ee maalii?" Isaanakkana jedhaanii deebisanif, "Waa'ee Yesuusisa Nazireet, isa raaajii ture sana, Waaqayyoo fi namoota biratti hojiin isaa guddaa kan ture, <sup>20</sup>angafoonni lubootaati fi geggeessitooti keenya dabarsanii dhiphinatti isa kennanii dhuma irratti isa ni fannisan. <sup>21</sup>Nuyi garuu inni Israa'eliin ni fura jennee abdanee turre. Eeyyee, caalatti immoo, erga wanneen kunneen raawwatamanii har'a guyyaa sadaffaa dha. <sup>22</sup>Garuu immoo, dubartoonni nu waliin turan tokko ganameeffatanii gara awwaala issaatiit deemanii, waan ajaa'ibaa nutti himan. <sup>23</sup>Reeffa isaa bakka issaatiit yommuu dhabanitti, isaan deebi'anii, mul'ataan ergamoota warra akkan inni jiraataa ta'e isaanitti himan arguu isaanis nutti himan. <sup>24</sup>Nu keessas namoonni tokko tokko gar asana adeemanii, akkuma dubartoonni sun jedhan ta'ee argatan. Garuu isa hin argine." <sup>25</sup>Yesuusakkana isaaniin jedhe, "Isin yaa gowwoota yaadni keessan waan raajonni dubbataa amanee fudhachuuutti suuta jedhaa kan ta'e!" <sup>26</sup>Kiristoosiif dhiphina kana fudhachuuun barbaachisaa hin turree, ulfina isaatti seenuudhaaf?"

<sup>27</sup>Achumaan Yesuus Musee irraa eegalee hanga raajotaatti waa'ee issaatiif wangeela keessatti wanneen barreeffaman issaaniif ni ibse. <sup>28</sup>Isaan gandicha isa itti adeemanitti akka dhi'aataniin Yesuus akka waan darbee adeemuu fakkaatee itti mul'ate. <sup>29</sup>Isaan garuuakkana jechuudhaan isa dirqisiisan, "Lafti dhi'era waan ta'ef nu bira buli." Kanaafu Yesuusisaan bira buluudhaaf issaan waliin ol seene. <sup>30</sup>Achumaanakkana ta'e, yommuu inni issaan waliin nyaataaf taa'etti, inni buddeena fudhatee, eebbisee fi cabsee issaaniif ni kenne. <sup>31</sup>Yommus iji issaaniif ni baname, isas ni beekan, inni garuu ija issaaniif duraa ni miliqe. <sup>32</sup>Isaanakkana waliin jedhan, "Daandii irratti yommuu inni nu waliin haasa'aa turetti, yommuu inni wangeela nuuf ibsetti, garaan keenya nu keessatti gubataa ture mitii?" <sup>33</sup>Isaan yeruma sanatti ka'anii gara Yeruusaalemitti ni deebi'an. Isaan warreen kudha tokkoo walitti qabamanii warreen issaan waliin turan waliit qabamanii argatan, <sup>34</sup>akkana jechaa, "Dhugaatti Gooftaan du'aa ka'era, Simoonittis mul'ateera." <sup>35</sup>Achumaan issaandii irratti waan raawwatamee fi Yesuusakkamiti buddeena cabsuudhaan issaaniin akka inni hubatame issaanitti ni himan. <sup>36</sup>Isaan wanneen kanneen dudubbataa utuu jiranii, Yesuus ofii issaatiit gidduu issaaniif dhaabbatee, akkana issaaniin jedhe, "Nagaan isiniif haa ta'u." <sup>37</sup>Isaan garuu sodaadhaan guutamanii hafuura argaa waan jiran issaanitti fakkaate. <sup>38</sup>Yesuusakkana issaaniin jedhe, "Maaliif jeeqamtan? Maaliif gaaffiin yaada keessatti uumama?" <sup>39</sup>Harka kootii fi miilla koo ilaala, innoo anumaa. Na qaqqabahaa ilaala. Hafuurri foonii fi lafee hin qabuutii, ani garuu akka isin argitan nan qaba." <sup>40</sup>Inni erga kanneen jedhee booda, harka issaatiit fi miilla isaa issaanitti argisiise. <sup>41</sup>Isaan amma iyuu gammachuu irraa kan ka'e amanuu hin dandeeny, issaan guddaa ajaa'ibsiiifataan. Yesuusakkana issaaniin jedhe, "Waan nyaatamu ni qabduu?" <sup>42</sup>Isaanis qurxummi waadama muraa tokko isatti kenneen, <sup>43</sup>innisisa fudatee issaan fuul duratti ni nyaate. <sup>44</sup>Inniakkana issaaniin jedhe, "Isaan kunneen jechoota ani yeroon isin waliin ture itti fayyadamaa turee dha, wanneen seera Musee, raajotaa fi Faarfanna Daawit keessatti kanneen dubbataman akka raawwatamanii jedhee". <sup>45</sup>Achumaan inni sammuu issaaniif baneefii akka issaan wangeela hubatan issaan

godhe.<sup>46</sup> Inni akkana isaaniin jedhe, "Kanaafuu kan akkana jedhu barreeffameera, Kiristoos akka inni dhipachuudhaaf jiruu fi guyyaa sadaffaatti garuu akka inni du'aa ka'u.<sup>47</sup> Qalbii jijiirrannaanii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin saboota maratti ni lallabama, Yeruusaalem irraa eegalee.<sup>48</sup> Isin immoo wanneen kanneeniif dhuga baatota.<sup>49</sup> Argituu, ani waan Abbaan koo abdachiisettan isin erga. Isin garuu ol irraa hanga humna uffattanitti magaalaa keessa turaa.<sup>50</sup> Achumaan Yesuus hanga isaan Bitaaniyaatti dhi'aatanitti isaan fuudhee ni deeme. Inni harka isaa ol fuudhee isaan ni eebbise.<sup>51</sup> inni isaan eebbisaa jiruu, isaan dhiisee gara waqaatti ol ni fudatame.<sup>52</sup> Kanaafuu isaan isaaf sagadaa gammachuu guddaadhaan gara Yeruusaalemitti ni deebi'an.<sup>53</sup> Isaan yeroo mara mana qulqullummaatti Waaqayyoon eebbisaa nj deddeebi'an.

## John

### Chapter 1

<sup>1</sup>Jalqabatti Sagalee ture. Sagalichis Waaqayyo waliin ture. Sagalichis Waaqayyo ture. <sup>2</sup> Innis jalqabumatti Waaqayyo waliin ture. <sup>3</sup>Waanti hundumtu Isaan uumame ; waanti ta'e hundu Isaan male tokkolle kan uumame hin jiru.<sup>4</sup> Isa keessa ture; jireenyi kunis ifa namootaa ture. <sup>5</sup>Iftichis dukkana ibsa, dukkanichis isa hin injifatu. <sup>6</sup>Waaqayyo biraan kan ergame Yohaannis nama jedhamutu ture. <sup>7</sup>Innis akka namoonni hundinu amananif dhugaa bahuf dhufe. <sup>8</sup>Yohaannis waa`ee Ifaa dhugaa bahuf malee inni ofii isaatiin ifa hin ture<sup>9</sup>Ifichi inni dhugaa nama hundaaf ifusun gara biyya lafaa dhufa ture.<sup>10</sup>Innis biyya lafaa keesa ture biyyi lafaas isaan uumame, biyyi lafaa garuu isa hin beekne.<sup>11</sup>Innis gara isaaf ta`anii dhufe, sabni isaas garu isa hin simanne.<sup>12</sup>Warra isa simatanifi maqaa isaattin amananif hundaa garu Ilmaan Waaqayyoo akka ta`aniif aangoo kenneef.<sup>13</sup>Isaan kunis Waaqayyo Waaqayyorraa male, dhiigarraa yookiin fedhii fooniirra akkasumas feedhii dhiiraarra hin dhalanne.<sup>14</sup>foon ta'ee ayyaanaafi dhugaadhaan guutamee jidduu keenya jiraate. Nutis ulfina isaa, ulfina ilmi tokkichi Abbaa isaa biratti qabu argine.<sup>15</sup>waa`ee isaa sagalee isaa olkaasee iyyuun dhugaa ba`ee,akkannas jedhe, 'Inni kun, isan ani waa`ee isaa 'Inni na duuba dhufu, na caala, na duras ture;<sup>16</sup> Guutumma isaa irraa hundi keenya ayyaanarratti ayyaan fudhanneerra.<sup>17</sup>karaa Museetiin keenname ture, ayyaaniifi dhugaan garuugaruuu kara Iyyasuus Kiristoosiin dhufe.<sup>18</sup>gonkumaa Waaqayyo kan arge hin jiru, garu ilmi isaa inni tokkichi Abbaa isaa bira jirutuu akka beekamu godhe.<sup>19</sup> Yihudooni yammuu lubootaafi Leewata Iyyarusaaleemira gara Yohaannis 'ati eenyu?<sup>20</sup>jedhanii akka gaafatannif eergan.<sup>21</sup>Innis dhugaa ba`ee, utuu hin haalin 'Ani kiristoos miti. ' jedhe. <sup>22</sup>Isaanis 'yoos ati eenuudha?' Eliyaasiidhaayyii? jedhanii gaafatan. Innis 'miti' jedhe.<sup>23</sup>Isaanis 'yoos ati raajichaadhaa?' jedhaniin. Innis 'miti' jedhe. Isaanis 'ega ati eenuudha? akka warra nu erganiif deebii akka kenniuuf ati waa`ee kee maal jetta? jedhaniin.<sup>24</sup>"akkuma raajichi Isaayyas dubbatetti ani sagalee nama lafa onaatti 'Goftaaf karaa sirreessaa jedhee iyyuudha."<sup>25</sup> jedheen.<sup>26</sup>Fariisoota ergaman keessaa tokko tokko. <sup>27</sup>Akkana jechuun isa gaafatan 'ati erga Kiristoos yookaan Eliyaas akkasumas raajicha hin taanee maliif cuuphxaree?<sup>28</sup>akkana jedheet isaaniif deebise 'ani bishaaniinin cuupha, namni isin hin beekne garuu jidduu keessan dhaabate jira.<sup>29</sup>isa na duubaan dhufuu dha, kophee isaa hiikuufuu ga'uumsa hin qabu.'<sup>30</sup>Kun hundu kan ta'aa jiru Bitaaniyaa gama Yoordaanos bakka yohaanis itti cuupha jiru keessatti dha.<sup>31</sup>Guyyaa itti aanutti yohaanis otoo Iyyasuus gara isaatti dhufu argeetiakkana jedhee 'Ilaa hoolaa Waaqayyoo kan cubbuu biyya lafaa irraa dhabamsiisu.<sup>32</sup>isan ani na duubaan dhufuu nadura jira ture, na caalas jedheedha.<sup>33</sup>Anumtuu ofii kootii isa hin beekneen ture garu kaniin bishaaniin cuphaa dhufuef akka inni saba Israa'elitti muldhauufiifha.<sup>34</sup>Yohaannis akkana jedhe dhugaa ba'e 'Ani Afurii samidha otoo akka gugeetti (bullaallaatti) irratti gadi bu`ee isarra qubatun arge.<sup>35</sup>Inni akkan ani bishaaniis cuuphuuf kan na erge, otoo hafuurri gadbu`ee isarra qubatu arge sun, inni isa Hafuura Qulqulluun cuuphuudha jedhee otoo natti himu baatee anuu isa hin beekun ture.<sup>36</sup>Anu argeera, akka inni Ilma waaqaayyoo ta'es dhugaa ba`eera. 'Ani sagalee (dubbii) lafa onaa keessatti iyyuudha: 'Goftaaf karaa nama sirressuudha.<sup>37</sup>itti aanuus, Yahaaniis hordoftoota isaa kessa lamaan isaanii waliin dabalee otoo achuma dhaabatee ture.<sup>38</sup>Isaanis otoo Iyyasuus achiraan darbaa jiru argan. Yohaannis "ilaahoolaa Waaqayyoo" jedhe.<sup>39</sup>isaa lamaanu waan inni dubbate kana dhaga'uun Iyyasuusiin hordofan.<sup>40</sup>gargaleet yammu Isa hordofan ilaaluun "maal barbaaduu?" jedhee gaafate. Isaanis 'Rabbii (Barsiisa jedhamuun hikama) eesa jiraataa?' jedhaaniin.<sup>41</sup>Innis 'kootaa ilaala' jedheen. Akkasuma isaanis dhaqanii bakka inni jiraatu argan, guyyaa sanas isa waliin oolan, yeroon suniin gara sa'aati kudhanii ture.<sup>42</sup>waan yohaannis dubbate dhaga'uun Iyyasuus hordofan lamaan saanii kessa tokko Indiriyas obboleessa Simi'oone Pheexiroos ture.<sup>43</sup>Innis duraan dursee obboleesa isaa Simi'oone barbaadeen argun 'nut Masiihii (Kiristoos jedhamuun hikama) argine' jedheen.<sup>44</sup>Innis isaa gara Iyyasuusitti fide. Iyyasuus isaa ilaaluun 'ati Simi'oone ilma Yohaannis. Ati Kefaa (PheexiroosPheexiroos jedhamuun hikama) jedhamuun waamamta.

<sup>43</sup> Guyyaa itti aanutti Iyyasuus gara Galilaa dhaquu barbaadeet, Filiiphoos argee, 'na hordofi' jedheen. <sup>44</sup>Filiiphoos akkuma Indiriyasiifi Pheexiroos nama magaalaa Beetasayidaa ture. <sup>45</sup>Filiiphoos Naatinaa'eel argee 'Isa Museen kitaaba seeraa keessatti waa'ee isaa barreesse, raajonnis immoo waa'ee isaa kan barressan, Ilma Yooseef. Iyyasuus nama Naazreet argineerra' jedheen. <sup>46</sup>Naazreetii waantii gaariin bahuu danda'aa? ' jedheen; Filiiphoosiis 'kootuu ilaali' jedheen. <sup>47</sup>Naatnaa'eel gara isaa otoo dhufu argee 'Ilaa nama Israa'eel isa dhugaa, kan soba hin qabne' jedhee dubbate. <sup>48</sup>Naatnaa'eelis 'akkamitti na beekta? jechuun gaafate. Iyyassuus akkas jedheet deebise 'otoo Filiiphoossi hin waaminiin dura yammu ati muka harbuu jala jirtuun si arge' jedheen. <sup>49</sup>Naatnaa'eelis 'yaa Rabbi (Barsiisa) ati Ilma Waaqayyooti ati Mootii Israa'eeliiti' jedheen. <sup>50</sup>Iyyasuusis akkana jechuun deebiseef 'ati sababiin ani muka harbuu jala osoo jirtuun si arge jedheef amante, mitii? waantoo kana caalan argita. <sup>51</sup>tti aansuunis akkana jedhe 'ani dhugaa, dhugaan isiniini jedha, samiin banamee Malaakonni Waaqayyoo ilma nama irra ba'aniifi bu'an ni argitu jedheen.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Guyyaa sadiaa booda kutaa Galiilaa magaalaa Qaanaa keessatti cidhatu ture, haati Iyyassus achi turte.

<sup>2</sup>Iyyassusiifi hordoftooni isaa gara cidha sanaatti waamamanni turan.<sup>3</sup>Yammuu daadhii wayinii dhunus haati Iyyasuus 'jarri daadhii wayinii hinqaban' jetteen.<sup>4</sup>ati dubartii maal godhi naan jetta? yeroon koo ammallee hin geeny 'jedheen.<sup>5</sup>Haati isaas tajaajiltootaan 'waan inni isiniin jedhu hunda godhaa'jetteen.<sup>6</sup>Akka sirna qulqullina Ayihudotaati gaanii waandhagaa ja'a achi dhaabatanii turan, tokko tokkoon isaaniis liitira 75 hanga 115 qabatu turan.<sup>7</sup>Iyyasuus tajaajiltootaan 'gaaniiwan bishaaniin guuta' jedheen, isaanis amma irraan bahutti gaaniiwan guutan<sup>8</sup>Innis 'amma irraa waraabatii abbaa cidha qophesuu kannaa' jedhee tajaajiltoota ajaje. Isaanis akkasuma godhan.<sup>9</sup>cidha qopheesses bishaan gara daadhii wayinitti jijiirame sana dhandhamatee ilaale, garu daadhiin wayinii eessaa akka dhufe hinbeekne ture (haa ta'u malee tajaajiltootni bishaan waraabani beeku ture.) Akkasumas mushirricha offitti waamee<sup>10</sup>akkana jedheen; 'namni hundi daadhii wayinii isa gaarii jalqabatti dhiyeesse, erga kessummoonni quufanii booda isa laafaa immoo dhiyeessa: ati garu daadhii isa gaarii hanga ammaatti tursiifte.<sup>11</sup>Iyyasuus mallattoo isa jalqabaa magaalaa Qaanaa kutaa Galiilaatti hojjatee ulfina isaas muldhisa, hordoftootni isaas isatti amanan.<sup>12</sup>Kanaan booda Iyyasuus, haati isaa, obbolowwan isaafi hordoftootni isaa gara Qifirnaahoomitti gad bu'anii guyyoota muraasa qofa achi turan.<sup>13</sup>waan Faasiigaan Yihuudotaa dhiyaateef, Iyyasuus gara Iyyarusaaleemitti ol ba'e.<sup>14</sup>Mana Qulqullummaa keessatti warra sangoota, hoolotaafi booyyeewwan gurguraniif warra taa'anii diinaara (qarshii) waljijiran arge.<sup>15</sup>Innis qaccee hojjachuunbhunda isaanii dabaltee mana qulqullummaa keessa ari'ee baase Diinara (qarshii) isaaniin jalaa bittineese, minjaala isaanis jalaa gargalche.<sup>16</sup>Warra booyyee gurguraniinis akkan jedhe, 'wantota kana hunda asii fageessaa, Mana Abbaa Kootiis mana daldalaa gochu dhiisaa.<sup>17</sup>kana hordoftooni isaa "Inaafaan mana keetii na guba " jedhamee kan barreeffame yaadatan.<sup>18</sup>Abbaan taayitaa Yihuudotaa deebisanii kana hunda waan gootuuf, mallattoon nutti agarsiiftu maaliidha jedhaniiin.<sup>19</sup>Iyyasuus "Isin mana qulqullummaa kana diiga ani immoo deebiseen guyyaa sad'i'iittin ijaara "jedheen.<sup>20</sup>Abbaa taayitootaa Yihuudotaas deebisanii 'mana qulqullummaa kan ijaaruuf waagoota afurtamaafi ji'a ja'a fudhate, ati immoo gara guyyaa sadii keessattiin "ol kaftaa? "" jedhaniin.<sup>21</sup>ta'u malee, inni mana qulqullummaa kan jedhe garu waa'ee nafa isa dubbate ture.<sup>22</sup>Erga inni du'aa ka'ee booda hordoftootni isaa waan inni dubbatee ture yaadatanii kitaabaafi dubbi Iyyasuus dubbatetti amanan.<sup>23</sup>Amma yeroo inni ayyaana Faasiigaaf jedhee Iyyarusaaleem keessa turetti namoonni baay'een mallattoo inni taasise arganii maqaa isaatti amanan.<sup>24</sup>Garu Iyyasuus sababbi hunda isaanii beekuuf isaan hin amanu ture.<sup>25</sup>Kanaafuu enyumtu waa'ee biraa akaa isaaf dhuga ba'an hin barbaadu ture, nama keessa maal akka jiru waan beekuuf.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Farisoota keessaa ajajaa kan ta'e namni maqaa isaa Niqoodimoos jedhamutu ture. <sup>2</sup>Namichi kunis halkaniin gara Iyyasuus dhufeeakkana jedheen 'Yaa Rabbii, ati barsiisaa Waaqayyo biraakhaa dhufte ni beekna, Yoo Waaqayyooisa waliin ta'e malee, namni mallatto ati gootu kana gochuu danda'u gonkumaa hin jiru' jedheen.

<sup>3</sup>Iyyasuus deebisee 'dhugaa dhugaa siin jedha namni yoo lammaffa dhalatee malee mootummaa Waaqayyoo argu hin danda'u' jedheen. <sup>4</sup>Niqoodimosis 'namni erga dulloomee boodee akkamitti dhalachuu danda'aa? Gara garaa haadhaa isaatti lammaffaa deebi'ee dhalachuu danda'aayyi?' jedheen. <sup>5</sup>Iyyasuus deebisee "dhugaa dhugaa siin jedha namni bishaanifi Hafuurarraa yoo hin dhalannee male gara mootummaa Waaqayyo galuu hin danda'u.' jedheen. <sup>6</sup>Kan fooni irraa dhalate foonii dha, kan Hafuurarraa dhalate garuu hafuura. <sup>7</sup>Isan ani 'lammaffaa dhalachuu qabda' sin jedhen hin diniqfatiin. <sup>8</sup>Qilleensi gara barbaadetti qilleensa'aa, atis sagalee hursuu isaa dhageessa malee eessaa akka dhufuufi eessas akka dhaqu (deemu) hin beektu. Mamni Hafuurarraa dhalate hundinuuus akkanuma. <sup>9</sup>Niqoodimosis deebiseen 'kun akkamitti ta'uun danda'a' jechuun gaafate. <sup>10</sup>Iyyasuus akkana jechuun deebiseef 'ati barsiisaa Israa'eel otoo taatee jirtuu waanta kana akka mitti hin beekne? <sup>11</sup>dhugaa sitti hima, nuti waan beeknu dubbanna, waa'ee waan arginees dugaa baana, isingaruu waan nuti dhugaa baane hin fudhatten. <sup>12</sup>Yammuun waa'ee biyya lafaa isinitti himu yoo hin amaniin, waa'ee waan sami yammuun isinitti himu akkamitti amanturee? <sup>13</sup>Ilma namaa Isa samii dhaa gad-dhufe malee eenyumtuu gara samitti ol hin baane. <sup>14</sup>Museen lafa onaa keessatti akka bofa fannise sana ilmi namaas fannifamuu qaba. <sup>15</sup>Kunis akka namni isaatti amanu hundi jirenya barabaraa qabaatuudhaaf. <sup>16</sup>Akka namni isatti amanu hundi jirenya barabaraa qabaatuuf malee akka hin bannee, Waaqayyo amma (hangaa) ilma isaa tokkichaa kennutti akkasumaan addunyaa jaalateera. <sup>17</sup>Waaqayyo ilma isaa gara biyya lafaatti kan ergeef, addunyattu murteesuuf otoo hin ta'iin itti amananii akka fayyanifiidha. <sup>18</sup>Kan isatti amanu hunduu itti hin murteeffamu; kan isatti hin amaniin garu waan innibmaqaa tokkicha ilma Waaqayyootti hin amanneef itti murtaa'eera. <sup>19</sup>Sababiin murtiis kanadha, Ifti gara biyya lafaa dhufe, namoonnibgaruu ifarra dukkana jaalatu turee, sababniis hojiin isaanii hamaa waan ta'eefi. <sup>20</sup>Namni waan hamaa hojjatu hunduu ifa jibba, hojiin isaas akka hin muldhannee gara ifaatti hin dhufu. <sup>21</sup>ta'u male inni dhugaan deddeebi'u garu hojiin isaa Waaqayyoon akka hojjatame muldhisuuf gara ifaatti dhufa. <sup>22</sup>Kanaan booda Iyyasuusiifi hordoftootni isaa gara biyya Yihuudoota deeman, achittis isaan waliin yeroo muraasa ture, ni cuuphas ture. <sup>23</sup>Yohaannis naannoo saaleem bakka Heenoon jedhamutti bishaan baay'een waan jirtuuf ni cuupha ture. Namoonnis gara isaa dhufuun ni cuuphamu ture. <sup>24</sup>Kunis kan ta'e otoo Yohaannis gara mana hidhaatti hin darbamin ture. <sup>25</sup>Yammuun kanas hordoftoota Yohaanniis tokko tokkoofi Yihudii tokko jiddutti waa'ee sirna qulqullina irratti walmormiin uumame. <sup>26</sup>Isaanis gara Yohaannis dhaquun akkana jedhaniin 'yaa barsiisaa, namni siin waliin gama Yoordaanos ture kan ati waay'ee isaa dhugaa baateef sun kunoo ni cuuphaa, namoonni hundis gara isaa dhaqaat jiru 'jedhaniin. <sup>27</sup>Yohaannis akkana jechuun deebise 'Namni yoo samii irraa isaaaf kennname malee homaa fudhachuu hin danda'u. <sup>28</sup>Isin ofin keessan akkan ani Kiristoosii mitti garuu isa dura kaniin ergame jedhee akkan dubbadhe dhugaa naaf baatu. <sup>29</sup>Mushirroon kan mushirraati, Amma eegaa sagalee isaa dhaga'uuf miizeen mushirra bira dhaabatu garu yammuu sagalee isaa dhaga'uuf baay'iseeti gamada. Egaa gammachuun kun kan kooti, innis amma raawwwatameera (fiixaan ba'eera). <sup>30</sup>Inni ol ol jechuu, ani garuu xiqqachuu qaba. <sup>31</sup>Inni olii dhufu waan hundumaatii oli inni lafaa immoo kanuma lafaati, waanuma lafaa dubbatas. Inni samii dha dhufu garuu waan hundaa oli. <sup>32</sup>waa'ee waan argeefi dhaga'ee dhugaa baha, garu waan inni dhugaa bahu namni fudhatu eenyumtuu hin jiru. <sup>33</sup>Namni inni dhugaa ba'uumsa isaa kana fudhate Waaqayyo akka dhugaa ta'e mirkaneeffata <sup>34</sup>Waaqayyo erge inni dubbii waaqayyoo dubbata. Waaqayyoos Hafuura safaree hin kenu. <sup>35</sup>Abbaan Ilma ni jaalata, waan hundumaas harka isaatti kennera. <sup>36</sup>Namni inni ilmatti amanu jirenya barabaraa qaba, namni ilmatti hin amanne garu dallansuu Waaqayyootti isarra t'a malee jirenya Ilmaa hin argu '

## Chapter 4

<sup>1</sup>Fariisonni akka Iyyasuus Yohaaniis caala hordoftoota baayifachaa, cuphaas jiru dhaga'an. <sup>2</sup>Haa ta'u male hordoftoota isaa cuuphaa ture male Iyyasuus ofii isaatii hin cuuphne ture. <sup>3</sup>Innis Yihuudaa gad lakkisuun gara Galiilaatti deebi'e. <sup>4</sup>Garuu isaafa Samaariyaa keessa darbuun barbaachiisaa ture. <sup>5</sup>Kanaafuu gara magaalaa Samaariyaa bakka Siikaar jedhamu, lafa Yaa'iqoob ilma isaa Yooseefiif kennetti dhiyoo ta'etti dhufe. <sup>6</sup>bishaanii kan Yaa'iqoob achi ture. Iyyasuus karaarraa kan ka'e waan dadhabeeif boollicha qarqara taa'e yeroon isaas gara sa'atii ja'aa ture. <sup>7</sup>Samaariyaa tokkos bishaan waraabuu dhufte; Iyyasuusis 'Akkan dhuguuf bishaan xiiqoo naa kenni' jedheen. <sup>8</sup>Hordoftootni isaas nyaata bituuf gara magaalaa deeman ture. <sup>9</sup>Dubartiin Samaariyaa sunis Iyyasuusiin 'ati otoo nama Yihuudaa taatee jirtu akkamitti dhagaati ana dubbartii Samaariyaa gaafattaa?' jetteen. Yihuudonni warra Samaariyaa waliin walqunnamtii hinqaban turan. <sup>10</sup>Iyyasuusis deebisee 'kenna Waaqayyoofii inni waaniin dhugu naa kenni siin jedhu kun otoo eenyu akka ta'e beektee situu isa gaafata ture. Innis bishaan jirenyaa siif kenna ture' jedheen. <sup>11</sup>Dubartiinis akkana jetteen, 'yaa gooftaa ati waan ittiin waraabduu hin qabdu, boollichiis gadi fagoodha, egaa bishaan jirenyaa kana essaargatta? <sup>12</sup>Ati immoo Abbaa keenya Yaa'iqoob isa boolla kana nuuf kenne caaltaayyii? Inni mataa Isaa, Ijoolleeffi horiin isaas boolluma kana keessaa dhuganii turan. <sup>13</sup>Iyyasuusis akkana jechuun deebiseef 'namni bishaan kana dhugu hundu deebi'ee ni dheeбота. <sup>14</sup>Garuu namni bishaan ani kenuuf dhugu kamiyyuu yoomumaa deebisee hin dheeботу, bishaan innin ani isaaf kenuuisa keessatti burqaa bishaan jirenya barabaraaf burqa ta'a. <sup>15</sup>Dubartiinis 'yaa gooftaa ati akkan hin dheeboonnee fi akkan waraabuu asitti hin deebinee bishaan sana naaf kenni' jetteen. <sup>16</sup>Iyyasuusis 'deemiiti dhirsa kee waamitti deebi'i kootu jedheen. <sup>17</sup>Ishiiniis deebiftee akkana jetteen 'ani dhirsa hinqabu. Iyyasuusis deebisee 'dhirsa hinqabu jechuun kee sirrii dha.' <sup>18</sup>Sababnisaas 'kanaan dura dhirsoota shan qabda ture, ammas namni siin waliin jiru dhirsa keetii mitti. Waantii ati dubbatte dhugaadha. <sup>19</sup>Dubartiinis akkana isaan jette 'yaa Gooftaa akka ati raajaa taaten arga. <sup>20</sup>Abbotiin keenya tulluu kana irratti sagadu turan, isin immo garuu bakki namootni sagaaduu qaban Iyyaruusaaleemiidha' jettu. <sup>21</sup>Iyyasuusis akkana ishii dhaan jedhe. 'Yaa dubartii na amanii, yeroo isiin tulluu kana irrattiis ta'ee Iyyaruusaaleemitti Waaqa Abbaatiif hin sagadnetuu dhufa. <sup>22</sup>Isiin waan hin beekneef sagaddu, nuti garu sababbii fayyinni Yihudoota keessa dhufuuf waan beeknuuf sagadna. <sup>23</sup>dhugaan sagadan yeroon isaan itti haafuuraa fi dhugaan Waaqa Abbaaf sagadan tokko ni dhufa, ammayuu dhufeera Abbaan warreen akkana kanneenisaaf sagadan barbaada.' <sup>24</sup>Waaqayyoo Hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan ta'u qabu. <sup>25</sup>Akka Masihiin dhufu, yammuu inni dhufus waan hunda akka nutti himu nan beeka' jetteen. <sup>26</sup>Iyyasuusis 'namni inni amma siin waliin haasayaa jiru kun isaa dha' jedheen. <sup>27</sup>27Yeroodhumasana hordoftootni isaa deebi'anii dhufan. Isaanis Iyyasuus dubartii tokko waliin otoo haasayuu arganii diniqfatan. Garuu eenyumtuu 'maal barbaadaa? Yookiin maaliif ishii waliin haasofta?' Isa gaafate hin jiru ture. <sup>28</sup>Dubartiin suniis ubboo (okkotee) bishaan ishii dhiftee gara magaalaaatti deebi'uun namoota akkana jetteen <sup>29</sup>'kootaa, naman, waanin ani hojjadhe hunda natti hime tokko ilaala, inni Kiristoos ta'uun diidaalaata?' jetteen. <sup>30</sup>magaalicha keessaa ba'uun Iyyasuus bira dhufan. <sup>31</sup>Yammuma sana hordoftootni isaa "yaa Rabii (barsiisaa) mee waa nyaadhu" jechuun kadhatan. <sup>32</sup>Garu, Innis akkana isaaniin jedhe "ani nyaatan nyaadhu 'kan isin hin beeknen qaba.'" <sup>33</sup>Kanaafu hordoftootnis 'namatuu waan nyaata wayii isaaf fidemoo laata?' Waliin jedhan. <sup>34</sup>Iyyasuusis akkana jedheen "Nyaanni koo fedhii Isa na erge hojjachuu fi hojii isaa raawwachuu dha." <sup>35</sup>Isin 'ji'ota afurtu hafe, sana booda midhaan walitti qabna (sasaabna) jettu mitii? Ani isinittin hima akka midhaan bilchaatee walitti qabamu (sasaabamu) ga'e ija keessan ol kaasaatti oorruu ilaala. <sup>36</sup>Inni walitti qabu (sasaabu) mindaa ofi ni argata firiis jirenya barbaraatiif walitti qabata, kunis akka inni facaaseefi walitti qabe (sasaabe) waliin gamadanifi. <sup>37</sup>Kanaafu mammaaksaa 'tokko ni facaasaa kaan immoo ni haama' jedhu dhugaadha. <sup>38</sup>Ani isiin waan itti hin dadhabnee akka haamtaniifiin isin erge. Warri kaan itti dadhabu isin immoo gara firii dadhabbiisaanii galtan. <sup>39</sup>dubartittin 'Inni waaniin ani hojjadhe hunda isa natti hime' jette waan dhugaa ba'uun gabaafteef namootni baay'een magaalaa Samaariyaa keessaa isaatti amanan. <sup>40</sup>Kanaafuu namoonni Samaariyaa yammuu gara isaa dhufan akka inni isaan waliin turuuf gaafatan, inni guyyoota lama achi ture. <sup>41</sup>dubbii isatiifis namoonni biroo baay'een amanan. <sup>42</sup>Isaaniis dubartii dhaan 'kanaan booda waan ati nuun jetteef otoo hin ta'iin waan ofin keenya dhageenyef akka inni dhugaadhumaan fayyisaa addunyaa ta'u beekneerra' jedhaniin. <sup>43</sup>Guyyoota lamaan sana booda Iyyasuus bakka sana gad lakkisuun Galiilaat deeme. <sup>44</sup>Iyyasuus ofiin isaa akka raajni tokko biyya isaa keessatti ulfina hin qabu jedhee dubbatee turetti <sup>45</sup>yammuu inni Galiilaat dhufee tureetti warri Galiilaat isaa simatan. Isaanis yeroo ayyaanaa gara Iyyaruusaaleem deemanii waan turaniif, sababbii kanaan waan Iyyasuus ayyanicharratti hojjate hunda arganii jiru. <sup>46</sup>Iyyasuusis deebi'uun gara Qaanaa ishii Galiilaat keessaa bakka inni bishaan gara daadhii wayiniitti jijiire deeme. Qifirnaahoom keessas qondaallii kanaan dura ilmi isaa dhukkubsate tokkotu ture. <sup>47</sup>Namni kuniis yammuu Iyyasuus Yihuudaa gara Galiilaat akka dhufe

dhagahu isa bira deemuun gara isaatti gad dhufe ilma isaa isa gara dhu'aatti dhiyaatee akka fayyisuuf gaafate.

<sup>48</sup>Akkasumas Iyyasuus 'Isin yoo mallattoofi dinqii argitan malee hin amantan'jedheen. <sup>49</sup>Qondaaltichiis 'yaa gooftaa otoo mucaan koo hin du'iin dafi koottu 'jedheen. <sup>50</sup>Iyyasuusis 'deemi ilmi kee fayyeera' jedheen. Namichis waan Iyyasuus isaan jedhetti amanuun deeme. <sup>51</sup>Otoo inni deemaa jiru tajaajiltootni isaa gara isaatti dhufuuf akka ilmi isaa fayye itti himan. <sup>52</sup>Innis sa'atii mucaatti foyyaa'uu jalqabe isaan gaafate. Isaanis deebisuun akkana jedhaniin 'kalleessa sa'atti torbatti nafa gubaan isa dhiise 'jedhaniin.<sup>53</sup>Abbaanis akka yeroo sun sa'aatti Iyyasuus 'Ilmi kee fayyeera' isaan jedhe ta'uu hubate. Kanaafuu inniifi maatiin isaa hunduu amanan. <sup>54</sup>Egaa suun Iyyasuus Yihuudaadha bahe gara Galiila erga dhufe booda mallattoo isa lammaaffaa inni hojjate ta'u dha.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Kanaan booda ayyaana Yihuudotaatu ture. Iyyasuusis gara Iyyaruusaaleemitti ol ба'e. <sup>2</sup>Iyyaruusaaleem keessa karra hoolaa bira bishaan afaan Armaayikootaatiin 'Beetazaataa' jedhamu tokko kan dafoowwan shan qabantuu ture. <sup>3</sup>Namoonni lakkofsaan baay'ee turan kanneen dhukkubsatan jaamoonni, hokkoloonni, laamshonni achi ciisu turan. <sup>4</sup>Maleekaan Gooftaa yeroo tokko tokko gad-bu'uun bishaan sana ni raasa ture. <sup>5</sup>Raafama bishaanichaatiin booda namni jalqaba bishaan keessa seenee kamyuu dhibee qabu hunda irraa ni fayya. Namni waggaa soddomii seddeet dhukkubsate tokkoos achi ture <sup>6</sup>Iyyasuusis yammu namtichi achi ciise argee akka yeroo dheeraafis achi ture yammuu hubatuakkana jedheen 'fayyuu barbaadaayyii?' Dukkubsataan suniis 'yaa Gooftaa ani nama na gargaaree yammuu bishaan raafamu achi keessa naseensisu hin qabu yammuu yaaluus nama biraatu na dursee seena' jedheen. <sup>8</sup>Iyyasuusis 'ol-ka'i, sreee kees qabadhu deddeebii. <sup>9</sup>Ennasuma fayyee sreee isaa fudhatee deeme.' Guyyaan suniis sanbata ture. <sup>10</sup>Yihuudootni namicha fayyee sanaan 'hardhi sanbata, kanaafu sreee kee baattattee deemuun siif hin eyyamamu' jedhaniin. <sup>11</sup>Inni garuu namichi na fayyise sun sreee keen fudhadhuutii deemi naan jedhe' jedheen. <sup>12</sup>Isaanis 'namninsiree kee fudhadhuutii deemi siin jedhe sun inni eenyu?' Jedenhii gaafatan. <sup>13</sup>Haa ta'uuti namichi fayye suun eenyu akka ta'e hin beekne ture, sababni isaa namootni bakka sanatti walitti qaban baay'ee waan turanif Iyyasuus dhokatee waan achii deemeefii. <sup>14</sup>Ergasii Iyyasuus namicha mana qulqulummaa keessatti argee, kunoo ati amma fayyiteetta, rakkinni kana caalu akka sira hin geenyeef ammaan achi cubbuu hin hojjatiin' jedheen. <sup>15</sup>Namichis deeme gara warra Yihuudootaa dhaqun kan isa fayyise Iyyasuus ta'u gabaaseef. <sup>16</sup>Sababa waantota kanneen guyyaa sanbataatiin hojjateef yihuudotni Iyyasuus harian turan. <sup>17</sup>Iyyasuus akkan isaaniin jedhe "Abbaan koo hanga ammaatti hojjachhaat jira, aniis immoo kunoo hojjachaan jira." <sup>18</sup>Egaa waa'ee sanbata cabseef qofa otoo hin ta'iin, sababbii inni ofii isaa Waqaan walqixxeseefi fi Waqni Abbaa kooti jedheef yihuudoonni itti caalchiisun Isa ajjeesuuf barbaadan. <sup>19</sup>Iyyasuusis 'dhugaa dhugaa isiimiin jedha 'ilmi ofii isaatiin waan tokkoollee gochuu hin danda'u, waanta Abbaan hojjatu yoo arge malee, waanta Abbaan godhu hunda akkasuma Ilmis ni hojata. <sup>20</sup>Abbaan Ilma ni jaalata; waan godhu hunaas itti agarsiisa, akka isin diniqfattaniifis hojii kana caalu itti agarsiisa. <sup>21</sup>Akkuma Abbaan warra du'an kaasee jirenya ni kennaaf. <sup>22</sup>nama tokkottiyuu hin murteesu, garuu murtii hunda Ilmaaf keenera. <sup>23</sup>namni hundiakkama Abbaa ulfeessanitti Ilmaafis ulfina kennaniifi; Namni ilmaaf ulfina hin kenine Abbaa isa ilma erges hin ulfeessan. <sup>24</sup>Dhugaa, dhugaa namni inni dubbii koo dhagawu fi isa na erettis kan amanu jirenyaatti darbe malee. <sup>25</sup>Dhugaa, dhugaa ani isinittan himaa, yeroo warrii du'an sagalee Ilma Waaqayyo itti dhagayan ni dhufa, innis ammumaa dha; issan warrii dhagayanis ni jiratu. <sup>26</sup>Abbaan jirenya of keessatti ofumaa qabu, akkasuma ilmis akka ofii isaatiin jirenya qabaatuu isaafis kenneeraaf. <sup>27</sup>Sababa inni Ilma Namaa ta'eefis akka inni murtii kennuu Abbaan aangoo isaaf kenneera. <sup>28</sup>Waan kanaaf hin diniqfatiina, yeroo warrii awwaala keessa jiran hundi sagalee isa dhagayan ni dhufa. <sup>29</sup>Warrii waan gaarii hojjatan du'a ka'iinsa jirenyaatiif warrii waan bodaahojjatanis immoo du'a ka'iinsa murtitiif awwaala keessa ni ba'u. <sup>30</sup>Ani ofii kootiin waan tokkollee gochuu hin danda'u garuu ani akkumman dhagawuttiin murteessa; ani fedhii isa na ergee malee fedhii ofii kootii waaniin hin barbaadneef murtiin koo qajeelaadha. <sup>31</sup>Ani yoo dhan waa'ee ofikootii dhugaa ba'e. Dhugaa ba'iinsi koo dhugaa miti. <sup>32</sup>Kan waa'ee koo dhugaa ba'u kan biroo ni jira, anis akka inni dhugaa ba'iinsa waa'ee koo kennu dhugaa ta'e nan beeka. <sup>33</sup>gara Yohaannisitti ergitanii jirtu: innis dhugaa dhaaf dhugaa ba'e jira. <sup>34</sup>Kun garuu dhuga ba'iinsa namaa nan fudhadha jechaa miti. Waantota kanneen kanaan jedhu akka isin fayyitaniifi. <sup>35</sup>Yohaannis ibsaa isa boba'aa ifu ture, isin immoo yeroo xiqqoof ifa isaatti gamaduu barbaaddan. <sup>36</sup>Dhuga ba'iinsiin ani qaba isa kan Yohaaniisii sana caala, hojiin akkan ani raawwadhuf Abbaan naa kenne, inni ammayyuu jira kun akkan Abbaan na erge waa'ee koo dhugaa ba'a. <sup>37</sup>Abbaan inni na erges ofii isaati waa'ee koo dhugaa ba'eerra. Isin sagalee issaas takkumaa hin dhageeny, bifa issaas hin argine. <sup>38</sup>Isiin sababbii isa inni ergetti hin amanneef dubbi isaa kan isin keessatti hafe hin qabdan. <sup>39</sup>Isiin kitaaboota qulqullu qu'atu, sababni isaa jirenya barabaraa isaan keessaa arganna jettanii waan yaaddaniif, garuu Kitaabbotuma kanatuu waa'ee koo dhugaa ba'a. <sup>40</sup>Isin garuu jirenya argachuuf gara koo dhufuu hin barbaadan. <sup>41</sup>Ani nama irraa ulfina hin fudhadhu. <sup>42</sup>Isin garuu akka jaalala Waaqayyoo of keessa hin qabne nan beeka. <sup>43</sup>Ani maqa Abbaa kootiitiinin dhufee, isin immoo na hin simanne. Isin wal irraa ulfina yoo fudhattan, ulfina isa Waaqayyoo tokkicha irraa dhufu garuu hin barbaadan. <sup>44</sup>Akkamitti amanuu dandeesu isin warrii wal irraa ulfina fudhattan ulfina isa Waaqayyoo tokkicha irraa dhufu garuu hin barbaaddan. <sup>45</sup>Ani Abbaa fulduratti waaniin isin himadhu isinitti hin fakkaatiin. Kan isin himatu tokko jira, innis Musee isa isiin abdattanii dha. <sup>46</sup>Otoo Museetti amantanii, anattis ni amantubture, sababnis inni waa'ee koo waan barreesseef. <sup>47</sup>Waan inni barressetti yoo hin amaniin, hojii kootii akkamitti amanturee?

## Chapter 6

<sup>1</sup>booda Iyyasuus, gama galaana Galilaa isa galaana Xibriyaadoos jedhamee waamamuutti ce'e. <sup>2</sup> Namootni baay'ee ta'anis sababa mallattoo inni warra dhukkubsatoota ta'an fayyisuudhaaf argisiise waan arganiif isa hordofan. <sup>3</sup>Iyyasuus hordoftoota isaa waliin gaaratti ol bahee ta'e.<sup>4</sup> yeroo kana Faasiigaan, ayyaani Yihudotaatuu dhiyaate ture.) <sup>5</sup>Yammuu Iyyasuus ija isaa olkaasuu namoonni baay'ee ta'an gara isaa dhufan arge, Filiiphoosiin; 'namoota kanaaf biddeena isaan nyaatan eessaa binaafi?' Jedheen <sup>6</sup>Iyyasuus garu Filliphooos) qoruuf kan jedhe inni ofuma isaatiin waan gochuu qabu ni beeka ture.<sup>7</sup>Filiiphoosis deebisee 'tokko tokkoon isaanii akka xiqoo xiqqoo argataniif, yoo biddeena diinaara dhibba lamaan binnellee wal isaan hin gahu ' jedheen. <sup>8</sup> Hordoftoota isaa keessaabtokko Indiryaas, obbolleessi Simi'oон Pheexiroos Iyyasuusiinakkana jedhe. <sup>9</sup>Gurbaan biddeena garbuu shaniifi qurxummii lama qabu tokko kunoo as-jira, garuu kun namoota kan hundaaf akkamitti gahaa? <sup>10</sup>Iyyusuus 'namoota akka taa'an godhaa' jedheen. Bakka sanas margi baay'inaan jira ture, kanaafuu namoonnis ni tataa'an, lakkoofsi isaaniis dhiirri gara kuma shanii ture. <sup>11</sup>Iyyusuus biddeena sana fuudhee erga galateesse booda warra taa'an sanaa hanga isaan barbaadan hire, qurxummis akkasuma godhe. <sup>12</sup>Erga namoonni quffanii booda innis hordoftoota isaatiin. 'Otoo waanti tokkollee hin hafiin hurraa'aa walitti sasaabaa ' jedheen. <sup>13</sup>Isaaniis hurraa'aa biddeena garbuu shanii isa hafe sana Zanbiila kudha lama guutuu walitti qaban. <sup>14</sup>sana namooni mallattoo Iyyasuus taasise arganii 'kuni dhugaadhummaan raajaa gara addunyaa kana dhufuf jiru ' jedhan. <sup>15</sup>Iyyasuus akka namootni dhufanii humnaan mootii isa gochuuf yaalan hubatee achii gad-lakkisee qophaa isaa debi'ee gaaratti olba'e. <sup>16</sup>Yammu galgalaa'ee hodoftootni isaa gara galaanaatti gadi bu'an. <sup>17</sup>Isaanis bidiruu yaabachuun galaana irra gara gama Qifrinaahoomitti ce'uuf ka'an yeroo kanas dukkanaa'ee ture, akkasumas Iyyasuus ammallee gara isaanii hin dhufne ture. <sup>18</sup>Bubbeen jabaan waan bubbiseef galaanichi ni raafama ture. <sup>19</sup>kiiloo meetira shan yookiin ja'a kan ta'u erga bidiruuudhaan deemanii booda otoo Iyyasuus galaana irra deemaa gara bidiruutii dhiyaatu arganii sodaatan. <sup>20</sup>Innis garu 'Inni Anaa! Hin sodaatinaa' jedheen. <sup>21</sup>Isaanis gara bidiruu keessatti isa fudhachuu barbaadan, battalumatti bidirichis gara bakka deemanii gahe. <sup>22</sup>Guyyaa itti aanutti namoonni galaanicha gamatti hafan akka bidiruun tokko qofti achi turte male kan biroo akka achi hin jire argan, qkka hordoftootni isaa qofti kophaa isaanii ce'an male, akka Iyyasuus isaan waliin hin yaabadne beekan. <sup>23</sup>Haa ta'u malee bidiruuwwan muraasni Xibriyaadoosii ka'anii gara bakka Goftaan galata kenneefi isaanis biddeena itti nyaatan ture. <sup>24</sup>Yammuu kana namootnii akka Iyyasuus fi hordoftootni isaa achi hin jirre yammuu qoratanii baratan isaanumtii ofii isaaniitiin bidiruuwwan yaabbatanii Iyyasuus barbaacha gara Qifrinaahiom deeman. <sup>25</sup>Isaanis erga galaanicha gamatti isa arganii booda 'Rabbi (barsiisa) yoom asi dhuftee?' jedhanii isa gaafatan. <sup>26</sup>Iyyusuus akkana jechuun deebiseef 'dhugaa dhugaa isiniin jedha isin kan na barbaaddaniif sababa mallattoo argitaniif otoo hin taane, garuu sababa biddeena nyaataanii quuftaniifi. <sup>27</sup>Nyaata baduuf hin hojjatina, nyaata jirenya barabaraatiif jiraatu kan Ilma Namaa isiniif kennuuf hojjadhaa malee, kanaafis Waaqni Abbaa isaa irratti chaappeseera. <sup>28</sup>Akkasumaan isaaniis 'Maal gochuu qabna, akka hojji Waaqayyo hojjanuu' iIsaan jedhan. <sup>29</sup>Iyyusuus deebisuun 'isa inni ergetti amanuun keessan kun hojji Waaqayyooti' jedheen. <sup>30</sup>Kanaafuu isaaniis akkana isaan jedhan 'akka arginee si amannuuf mallattoo maalii hojjata?' <sup>31</sup>Akka 'nyaataaf samii irraa biddeena isaaniif kenne' jedhamee barreefame, abbootiin kenya lafa onaatti Mannaayaataan<sup>32</sup> Iyyusuus akkana isaaniin jedhe.' Dhugaa, dhugaa kan samii irraa biddeena isiniif kenne Musee mitu, garuu samii irraa kan biddeena dhagaa isiniif kenne Abbaa kootii malee.' <sup>33</sup>Biddeenni Waaqayyoo inni samii irraa gadi bu'ee addunyaa kanaaf jirenya kennuuf dha. <sup>34</sup>Isaanis 'yaa Gooftaa yeroo hunda biddeena kana nuuf kenni' jedhaniin. <sup>35</sup>Iyyusuus akkana isaaniin jedhe 'biddeenni jirenya anaadha, namni gara koo dhufe gonkumaa hin beela'u, kan anatti amanuus gonkumaa hin dheebotu. <sup>36</sup>Garuuakkaman isinitti hime na argitaniiyuu hin amanatan. <sup>37</sup>Abbaan ka naa kenne hunduu garabalaatti of irraa hin aru'u. <sup>38</sup>Ani kaniin samii irraa gad dhufef fedhii koo raawwachuuuf otoo hin ta'iin fedhii isa na ergee raawwachhuu dhaafi. <sup>39</sup>Fedhiin isa na ergees bakkan ani warra inni natti kenne hundi tokkolle otoo na jalaa hin badiin gaaf guyyaa dhumaa akkan kaasuuifi dha. <sup>40</sup>Fedhiin Abbaa kootii akka namni Ilma argee isatti amanu hundi jirenya barabaraa qabaatuufi dha, anis gaaf guyyaa dhumaa isa nan kaasa. <sup>41</sup>Kanaafuu Yihudootni sababa inni 'ani biddeena samii irraa gad bu'ee dha.' jedheef guunguman. <sup>42</sup>Isaanis 'kun Iyyasuus ilma Yooseef miti, isa abbaafi haadha isaa beeknu sana? Yoos akkamittin 'ani samii irraan gad bu'e' nuun jedharee amma' jedhan. <sup>43</sup>Iyyasuus deebiseeti akkan jedheen 'Walitti gungumu dhaabaa. <sup>44</sup>Abbaan na erge yoo harkise malee namni kamyuu gara koo dhufuu hin danda'u, anis gaaf guyyaa dhumaa nan isa kaasa. <sup>45</sup>Akka raajota keessatti barreefametti hundi warra Waaqayyoraa baratan ni ta'u' jedhameera. Kan Abbaarraa dhaga'eefi kan isarra baratee hundi gara koo ni dhufa. <sup>46</sup>Isa Waaqayyo biraahuf sana malee namni kamyuu Abbaa hin argine. Isa qofatuu Abbaa arge. <sup>47</sup>Dhugaa, dhugaa kan amanu hundi jirenya barabaraa qaba. <sup>48</sup>Biddeenni jirenyaa ana dha. <sup>49</sup>Abbootiin keessan lafa onaa keessatti mannaayaataan. Haa ta'u garuu ni

du'an.<sup>50</sup> Bideenni samii irraa gad bu'e isa kana dha, namni isa nyaatuua hin du'u.<sup>51</sup> Biddeenni jirenyaa inni samii irraa bu'e ana dha. Namni kamiyyuu yoo biddeena kana nyaatee barabaraan ni jiraata Biddeenni ani akka addunyaa dhaaf jirenya ta'uu kennu foon koori.<sup>52</sup> Akkasuma Yihuudoonis 'Namichi kunakkamitti foon isaa akka nyaatuuf nuu kennuu danda'a?' jechuun dallanuifi wal-mormuu jalqaban.<sup>53</sup> Iyyasuus akkana isaaniin jedhe 'Dhugaa, dhugaa isin foon Ilma Namaa yoo nyaatanifi dhiiga isaas yoo dhugdan malee offi keessaniin jirenya qabaachuu hin dandeessan<sup>54</sup> Namni foon koo nyaatuufi dhiga koo dhugu enyumtuu inni jirenya barabaraa qaba; Anis gaaf guyyaa dhumaa isaa kaasa.<sup>55</sup> Foon koo nyaata dhugaa, dhiigni koos dhugaati dhugaati.<sup>56</sup> Namni Foon koo nyaatuufi dhiiga koo dhugu enyumtuu na keessa jiraata, anis isa keessan jiraadha.<sup>57</sup> Akkuma Abbaan jiraataan na erga, akkasuma anis sababbi Abbaatiin jiraadhu, namni na nyaatu enyumtuu akkasuma sababbii kootiin ni jiraata.<sup>58</sup> Biddeenni samii irraa bu'e isa kana dha, innis akka mannaa isa Abbotiin keessan nyaatannii du'an sana moti; namni biddeena kana nyaatu garuu barabaraan ni jiraatan.<sup>59</sup> Garuu Iyyasuus waantota kana kan dubbatee Qifirnaahoom mana sagadaa Siinaagog keessatti otoo barsiisa jiruu ture.<sup>60</sup> Hordoftoota isaa keessaa baay'een yammuu waan kana dhaga'anakkana jedhan 'barnoonni kun cimaadha, enyutuu dhaga'uu danda'a?<sup>61</sup> Iyyasuus sababa ofuma isaa keessatti akka hordoftootni isaa waan kana irratti guunguman beekeef akkan isaaniin jedhe 'kun isin dallansiisa?'.<sup>62</sup> Yoos yammuu Ilmi Namaa bakka duri turett ol-ba'uu argitan maal taaturee?'<sup>63</sup> Inni jirenya kennu Hafuura; foon omaa faayidaa hin qabu. Dubbiin ani isinitti dubbadhu Hafuura, jirenyas.<sup>64</sup> Haa ta'u malee, isiin keessaa kanneen hin amanii tokko tokko ni jiru.' Iyyasuus jalqabumarraa kaasee isaan keessaa enyu akka hin amannefi enyu akka dabarsee isa kennu ni beeka ture.<sup>65</sup> Innisakkana jedhe 'sababiin ani yoo Abbaa biraa isaaf kenname malee namni tokkollee gara kootti hin danda'u isiniin jedhee ture kanuma.<sup>66</sup> Sababa kanaaf hordoftoota isaa keessaa baay'een gara dubatti deebi'an, kana boodas isa waliin hin deemne.<sup>67</sup> Akkasumaan Iyyasuus warra kudha lamaatiin 'Isiniis deemuu barbaaduu?' jedheen.<sup>68</sup> Simi'oon Pheexiroosis akkana jechuun deebiseef 'yaa Gooftaa gara enyuu deemnaa? ati dubbii jirenya barabaraa qabda.<sup>69</sup> Nuti akka ati Qulqullu kan Waaqayyoo taate ni amanne, ni beeknas.<sup>70</sup> Iyyasuusiis akkana isaaniin jedhe.' Ani kudha lamaan keessanuu kanin isin filadhe mitii? Isin keessaa garu tokko Dabiloos.'<sup>71</sup> Innis amma waa'ee Yihuudaa ilma Simi'oon Asqoroo dubbata ture, innis warra kudha lamaan keessa tokko isa Iyyasuus dabarsee kennuuf jiru.

## Chapter 7

<sup>1</sup>kanaan booda Iyyasuus sabab Yihuudonni isa ajjeesuuf barbaadanii, Galiilaa keessa dedeabi'a ture, Yihuudaa keessa hin dedeabi'u ture. <sup>2</sup>Amma ayyaanii daasii Yihuudotaa dhiyaatee ture. <sup>3</sup>Obbolooowan isaas akkana isaan jedhan 'bakka kana dhisiitii gara Yihuudaa ka'ii deemi, yoos hordftootni kee hojjii atti gootu sana arguu.' <sup>4</sup> Namni tokko otoo muldhatee beekamuu barbaaduu dhoksaatti waa hojatuu hin jiru. Atis yoo waantota kana hojjattu taate addunyaatti of muldhisi. <sup>5</sup>Obboloonii isaallee isatti hin amanan turan. <sup>6</sup>Kanaafuu Iyyasuus akkana isaaniin jedhe 'yeroon koo amalle hin geenyne, isiinif garuu yeroon hundi mijataadha. <sup>7</sup>Addunyaan isin jibbuu hin danda'u, garu sababan hojjiin isaanii akka badaa ta'e dhugoomsuuf ana ni jibu. <sup>8</sup> Isiin gara ayyaanichaa oldeemaa, Ani saba amma ammatti yeroon koo hin guunneef gara ayyanatti ol hin deemu.' <sup>9</sup>Innis waantoota kana erga isaaniin jedhee booda Galiilaati hafe<sup>10</sup>Garuu erga obboloonni isaa gara ayyanichaatti ol deemanii booda innis muldhachaa otoo hin ta'in dhoksaadhaan ol deeme. <sup>11</sup>Yihuudonis ayyanicha irratti 'namni sun eessa jira?' jechuun gaafachaa isa barbaadaa turan. <sup>12</sup>Namoota jidduuttiis waa'ee isaa marii baay'ee ture, namootni tokko tokko 'inni nama gaarii dha' jedhhu. Isaan kaan immoo 'akkas miti inni karaa irraa nama jallisa jedhan. <sup>13</sup>Garuu waan Yihuudoota sodaataniif namni tokkollee waa'ee isaa muldhinatti hin dubbanne. <sup>14</sup>Yammu ayyanichi gara walkaa ta'u, Iyyasuus mana qulqullina seenuun barsiisuu jalqabe. <sup>15</sup>dinqiffachuun 'namni kun akkamitti otoo hin baratiin beekumsa akkanaa qabaate?' jedhan. <sup>16</sup>Iyyasuusis akkana jechuun deebiseef 'barsiisni koo kan isa na ergeetti malee kootii miti. <sup>17</sup>Namni feedhii Waaqayyoo raawwachuu barbaadu hundi waa'e barsiisni kun Waaqayyoo biraadu dhufuu fi yookin ani ofuma koottiin irraa ta'u ni beeka. <sup>18</sup>Namni ofumarraa dubbatu kamiyuu inni ofuma isaatii ulfina barbaada, namni ulfina isa erge sanaa barbaada, namni sunis dhugaa dha, sobni isa keessa hin jiru. <sup>19</sup>Museen seera isini kenneerra miti? Garuu isin keessaa namni seera san eegu hin jiru. Isin maaliift na ajjesuu barbaaddu? <sup>20</sup>Namoonnis deebisanii 'jinniituu si keessa jiraa eenyutuu si ajjeessuu barbaada' jedhaniin. <sup>21</sup>Iyyasuusis deebisee akkana isaanii jedhe 'Ani hojii tokkon hajjannaan hundi keessan diniqfattan. <sup>22</sup>Museen seera kiittaanaa isiniif kenne (sun garuu abbootarraayyi malee Museerraan miti.) Isinis guyyaa sanbataa nama kittaantu. <sup>23</sup>Akkanum seera Musee isa hin cabnee sana erga namni tokko guyyaa sanbataatillee kiitaanamuu danda'e, isin maaliif yoodhan ani guyyaa sanbataatiin nafa namaa guutuu fayyiisuuf jettanii maliif natti dallantu. <sup>24</sup>Murtii qajeelaa kennaa malee; bifa ilaaluun hin murteesiina. <sup>25</sup>7 Namootni muraasni Iyyarusaaleemii akkana jedhan 'Inni kun nama isaan ajjeesuuf barbaadanii dha miti?' <sup>26</sup>Kinoo inni addabaayitti dubbata, isaaniis homaa isaan hin jenne. Abboonii seeraas bakka inni Kirisoos ta'e nuti ni beekniiruu laata? <sup>27</sup>namni nama eessaa akka ta'e nuti ni beekna. Yammuu Kiristoos dhufu garuu inni eessaa akka dhufu namni tokkollee hin beeku. <sup>28</sup>Yammuu Iyyasuus otoo mana qultqullinaa keessatti barsiisuu sagalee isaa ol kaasee akkana jedhe 'Isin hundi na beektu, akkan eessaa dhufes na beektu. Ani ofii kootiin hin dhufne, garuu isa inni na erge dhugaa dha, isiinis isa hin beektan. <sup>29</sup>Sababani inni na erge isa biraadu dhufef ani isa nan beeka. <sup>30</sup>Isaaniis isa qabuuf yaalan, garuu yeroon isaa waan hin geenyeef namni tokkollee herka isaa irra diriirsee qabuu hin dandeenyne. <sup>31</sup>Ta'uus namootni baay'een isatti amanan isaanis akkan jedhan 'Yammuu Kiristoos dhufu mallattoo namni kun agarsiise caala agarsiisa laata?' jedha. <sup>32</sup>Fariisootnis otoo namoonni waantoota kanneen waa'ee Iyyasuus amatanuu dhaga'an. Luboonti hangafootniifi Fariisotni akka Iyyasuus qabaniis eegdota mana qulqullina isatti erga. <sup>33</sup>Iyyasuusis 'Ani amma ammaatti yeroo gabaabaa isin waliinin jira, kanaan booda gara isa na ergen deema. <sup>34</sup>Isinis na barbaaddu, garuu na hin argitan bakkan ani jirus dhuf hin dandeessan' jedheen <sup>35</sup>ofumasaaniitiin akkana waliin jedha 'namni kun akka nuti isa arguu hin dandeenyeef eessa dhaqaa? Gara saba warra Giriikota keessafafaca'anii deemee Giriikota barsiisuu barbaadeemoo? <sup>36</sup>Dubbiin kun kan inni jedhu maaliidha? 'Isin na barbaadu garu na argu hin dandeessan, bakka ani jirus dhufu hin dandeessan jechuun isaa maal jechuu isati' jedhan. <sup>37</sup>Amma guyyaa ayyanicha isa guddaafi isa dhumaa irratti Iyyasuus ka'ee dhaabachuu sagalee guddaadhaan akkana jedhe 'namni kamiyyu yoo dheebote gara koo dhufe haa dhugu. <sup>38</sup>Inni kan anatti amanu hundi bishaan jireenyaaatu garaa isaa keessaa burqa. <sup>39</sup>garuu waa'ee Hafuura qulqullu kan warri isatti amanan argachuuf jiran dubbachuu isati sababbi Hafuura qulqulluun ammaatti hin kennamneef Iyyasuus ammaliee hin ulfaanne. <sup>40</sup>Namoota sana keessa muraasni yammuu dubbii kana dhaga'an 'kun dhugummatuu raajicha' jedhan. <sup>41</sup>Isaan kaan immoo 'inni kiristoos' jedhan. Namootni kaanis 'Kiristoos Galiilaadhaa dhufaa?' jedhan. <sup>42</sup>Akka Kiristoos sanyii Daawit keessaa dhalatuufi akka inni magaala Daawit Beetaliheemii dhufu kitaabni ni dhubata mitii? <sup>43</sup>waa'ee isaa irratti garaagarummaan isaan jidduutti uumame. <sup>44</sup>Isaaniis muraasnisi isatti dhufan, garuu namni tokkollee harka isaa isarrati hin diriirsine. <sup>45</sup>Kana boodas eegdoni gara Luboota hangafootaafi gara Fariisotaatti warreen isaan organitti deebi'anii dhufan 'Amlifisa as hin fidne' jedhani eegdota gaafatan. <sup>46</sup>Eegdonnis akkan jedhani deebisan 'namni kamiyyuu akka nama kanatti hin dubbatu. <sup>47</sup>Fariisotniis isaaniif deebisuun 'isinis ni gowwoomse jechuu dha' jedhaniin. <sup>48</sup>Namoota bulchootaa

keessaa kan isaatti amananii yookiin Fariisotaa?.<sup>49</sup> Namootni kun isaan kan seera hin beekne kun abaaramoo dha<sup>50</sup> Niiqoodimoos (Fariisota keessaa inni tokko, kan kanaan dura isa bira dhufee ture) akkana isaaniin jedhe,<sup>51</sup> 'seerri keenya otoo isarraa hin dhaga'iin yookiin waan inni godhu otoo hin beekiiniin dura nama tokkotti murteessa?<sup>52</sup> Isaanis 'ati nama Galilaatii? 'akka Raajaan Galiilaa keessaa hin kaane qoradhuu irra ga'i' jedhaniin.<sup>53</sup> Kana boodas hundi isaanii gara mana ofiitti deeman.

## Chapter 8

<sup>1</sup>Iyyasuus garu garabgaara ejersaa deeme. <sup>2</sup>Ganama barii dhaan gara mana qulqullummaatti deebi'ee dhufe. Innis namni hundumtu gara isaatti walitti qabaman, innis gad-taa'ee isaan barsiisee. <sup>3</sup>Barsiisonni Seeraatiifi Fariisotni dubartii ejja irratti qabamte tokko fidan. Jidduu isaanii dhaabuun. <sup>4</sup>Isaanis akkana isaan jedhan 'yaa barsiisa dubartiin kun ejja irratti qabamte. <sup>5</sup>Seera Museen nu ajaje keessatti namni akkanaa akka dhagaadhaan tumamu nu ajajeeraa ati waa'ee ishii maal jettaa? <sup>6</sup>Isaanis waan ittiin isa himatan argachuu jedhanii isa qoruuf waan kana jedhan. Iyyasuus garuu gad-jedhee lafa irratti quba isaatiin barreessuu jalqabae. <sup>7</sup>Yammuu isaanis gaafachuutti fufan ol jedhee, 'isin keessaa namni cubbu hin qabne yoo jiraate duraan dursee ishiitti dhagaa haa darbatu' jedheen. <sup>8</sup>Deebisee ammas gad jedhee lafa irratti quba isaatiin barreesse. <sup>9</sup>Isaanis yammuu kana dhaga'an maanguddoota irraa jalqabee tokkuma tokkon ba'aanii deeman. Dhumarrattis Iyyasuus fi dubbartittii walakaa dhuma dhaabate sana waliin qophaatti hafan. <sup>10</sup>ol jedhee, ati yaa dubartii warri si himatan meerre?, namni tokkollee sitti hin murteesinee? Jedhen. <sup>11</sup>Ishinis 'yaa Gooftaa namni tokkollee' jetteen. Iyyasuusis 'anis sitti hin murteesu, deemi kanaan achis cubbuu hin hojatiin' jedheen. <sup>12</sup>Deebisee Iyyasuus isaanitti dubbate 'Ani ifa Addunyaati namni na hordofu hundi dukkana keessa hin adeemu, ifa jireenyaa qaba malee' jedheen.

<sup>13</sup>Fariisootniis ati waa'ee keetii dhugaa baata, ofii keetii kan dhugaa baatuus dhugaa miti' isaan jedhan. <sup>14</sup>Iyyasuusis deebiseefi akkana isaaniin jedhe 'Ani waa'ee ofii kootii dhugaa ba'uullee akkan eessaa dhefee fi akkan eessa deemuwaaniin beekuufin dhugaa ba'iinsi koo dhugaa dha. Isin garuu akkan ani eessaa dhufe yookiin akkan ani eessa deemu hin beektan. <sup>15</sup>Isiin akkuma foonitti murteesitu, Ani nama tokkotillee hin murteesu.

<sup>16</sup>Sababan ani qophaa koo hin taaneef yoodhan murteesellee murtiin koo dhugaa dha, ani Abbaa isa na erge waliinin jira. <sup>17</sup>Eeyyeen dhugaa ba'iinsa nama lamaa akka dhugaa ta'e seera keessan keessatti barreefameera. <sup>18</sup>Ani isa ofii kootii dhugaan ba'u Abbaan inni na erges waa'ee koo dhugaa ba'a. <sup>19</sup>Isaanis 'Abbaan kee eessa jira?' Jedhanii isa gaafatan. Iyyasuusis 'Isin anas Abbaa koos hin beektan 'jedhee deebiseef. Otoo ana beektanii, Abbaa koos immoo ni beektuuyyuu. <sup>20</sup>Iyyasuus otoo mana ququllinaa keessatti kutaa buusiin kuufamu keessattibakkuma barsiisa tureen waantoota kana dubbate, yeroo isaas waan hin geenyef namni tokkollee isa hin qabne. <sup>21</sup>Innis deebisee akkana isaaniin jedhe 'Ani nan deema isinis na barbaaddu, cubbuu keessaniiniis ni duutu, bakkan ani deemus dhufuu hin dandeessan.' <sup>22</sup>Yihuudootnis bakkan ani deemu dhufuu hin dandeessan kan jedhuu of ajjeesuuf ta'iinna jedhan. <sup>23</sup>Akkana isaaniin jedhe 'Isin gadirraayyi ani olirraayyi, Isin kan addunyaati, Ani immoo kan addunyaatiit miti. <sup>24</sup>Kanaafu akka cubbuu keessaniin duutan ani isinitiin hima. Yoo isin Inni Ana ta'utti amantan malee cubbuu keessaniin ni duutu. <sup>25</sup>Isaanis kanaafuu akkana isaan jedhan 'Ati eenyuu dhaa? Iyyasuusis akkana isaaniin jedhe ani isuman jalqaabaa kaasee isiniti dubbachaa turee dha. <sup>26</sup>Ani waan baay'ee waantin dubbahduufi waa'ee keessan waantin murteesu nan qaba. Maalumaahaata'uun inni na erge dhugaa dha. Anis waantotnin isa irraa dhagayeen waantoota kana addunyaati hima. <sup>27</sup>Isaan akka inni waa'ee Abbaa issanitti himaa ture hin hunbanne. <sup>28</sup>Iyyasuus akkana isaaniin jedhe 'yammuu Ilma Namaa ol-kaافتان akkan Ani Isa ta'e ni beektu, akkuma Abbaan na barsiisettin dubbahda malee ani ofi kootii homaa hin hojjadhu. <sup>29</sup>Inni na erge ana waliin jira sababbii ani yeroo hunda waan isa gamachisu hojjadhuuf inni qophaa koo na hin dhifne. <sup>30</sup>Akkuma Iyyasuus waantota kana dubbateen namoonni baay'een isatti amanan. <sup>31</sup>Iyyasuus Yihuudootsa isaan isatti amananiin akkana jedhe "yoo dubbii kottii cimtanii haftan isain dhugaadhumaa hordoftoota kooti. <sup>32</sup>Dhugaas ni beektu, dhugaanis bilisa isin baasa. <sup>33</sup>Isaanis 'nuti sanyii Abrihaamiiti, eenyumaafuu takkumaa garboota taanee hin beeknu, kanaafuu akkamitti bilisa baatu nuun jetta' jedhaniin.

<sup>34</sup>Iyyasuus akkana jechuun isaaniif deebise 'Dhugaa, dhugaa isiniin jedha namni inni cubbuu hojjatu hundi garba cubbuuti. <sup>35</sup>Garbi barbaraan mana keessa hin hafu, ilmo garuu barbaraan manuma keessatti hafa. <sup>36</sup>Ega Ilmi yoo bilisa isin baasee dhugaadhumaa bilisa baatu. <sup>37</sup>Akka sanyii Abrihaam taatan nan beeka garu dubbiin koo waan isin keessa hin jiraanneef na ajjeesuuf murattanii kaatan. <sup>38</sup>Ani waantan Abbaa koo biratti argeen dubbahda ;isiniis immoo waan abbaa keessan biratti argitan hojjatu. <sup>39</sup>Isaanis 'abbaan keenya Abrihaamidha' jedhaniin. Iyyasuusis akkana jedheen 'otoo ilmaan Abrihaam taatanii waan Abrihaam hojjate hojjattuuyyu. <sup>40</sup>Isin garuu amma Waaqayyoraa dhugaa dhaga'ee isiniti himnaan na ajjeesuuf murattanii kaatan. Abrihaam garu waan akkanaa hin hojjanne. <sup>41</sup>Hojii abbaa keessanii isinis hojjattu.' <sup>42</sup>Isaanis 'nuti ejjaan hin dhalanne abbaa tokko "Waaqa qofa qabna" isaan jedhan. <sup>43</sup>Iyyasuusis otoo waaqni abbaa keesan ta'e ne jaalattu turtan, ani Waaqaa biraan dhufe, asin jiras; isatu na erge malee ofuma kootii hin dhufne' isaanin jedhe. <sup>44</sup>Maaliif waaniin dubbiin koo isinii hin galley? Sababni isaa dubbii koo waan dhaga'uun hin dandeenyefi. <sup>45</sup>Isin ijoollee abbaa kessan kan daabilosi; fedhiin keessan hawwii abbaa keessanii hojjachuu dha. Inni jalqabumarraa kaasee lubbuu ajjeesaa dha, waan dhugaadhaan hin dhaabannee isa keessas dhugaan hin jiru. Inni sobaafi abbaa sobaa waan ta'eef yammuu soba dubbatu ofuma isaa keessaa dubbata<sup>46</sup> Sababan ani dhugaa dubbahduuf isin na hin amantan.

<sup>47</sup> Isa, inni Waaqa bira ta'e dubbii Waaqayyoo dhaga'a, sababa isin kan Waaqayyoo hin taaneef dhaga'uu hin dandeessan.<sup>48</sup>Yihuudoonnis deebisanii 'ati nama Samaariyaatti jinniituu si keessa jira jechuun keenya dugaa mitii? isaan jedhan.<sup>49</sup>Iyyasuusis jinniin na keessa hin jiru, ani garuu Abbaa koon ulfeessa, isin moo na salphiftu 'jedhee deebiseef.<sup>50</sup>Ani ulfina ofii kootii hin barbaadu, kan barbaadu tokko jira, murteessaanis isaa dha.<sup>51</sup>Ani dhugaa, dhugaa isiniin jedha eenhumtuu yoo dubbii koo dubbii koo eege yoomumaa du'a hin argu.<sup>52</sup>akkana isaa jedhan 'Akka jinniin qabdu nut amma beekne, Abrihaamiif Raajonni du'aniiru, ati garuu "eenyumtuu yoo dubbi koo eege yoomuma du'a hin dhandhamatu"<sup>53</sup> Ati abbaa keenya Abrihaam, isa du'e hin caaltu, ni caalataa? Akkasuma Raajonnis du'aniiru. Ati eenu ofgoota?<sup>54</sup>Iyyasuusis akkana jedhee deebiseef 'Ani yoo n ulfina ofii kenne, ulfinni koo faayidaa hin qabu, kan na ulfaassu Abbaa koo isa isin Waaqa keenya jeetan sanaa dha.<sup>55</sup>Isin isa hin beektan, ani garuu nana beeka, otoon 'Ani isa hin beeku' jedhe akkuma keessaniin sobaa dha. Maalumaafuu anu isa nan beekaa dubbii isaas nan eega.<sup>56</sup>Abbaan keessan Abrihaam guyyaa koo waan argeef gamade, argeera gamadeeras.<sup>57</sup> Yihuudootnis 'umriin kee wagga shantamaa hin guunnee, Abrihaam argitee jirtaa?<sup>58</sup>akkana isaanii jedhe 'Dhugaa, dhugaa isiniin jedha Abrihaamiin dura, "Ani Ana"<sup>59</sup>yroodhumaa kana dhawuudhaf dhagaa fudhatan, Iyyasuus garuu jalaa dhokkotee mana qulqullinaa keessaa ba'ee deeme.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Iyyasuus otoo karaa darbuu nama dhaloota isaatii jalqabee jaamaa ture tokko arge. <sup>2</sup>Hordoftootni isaa 'yaa Rabbii namni kun akka jaawaa ta'ee dhalatuuf eenyutu cubbuu hojjate? Isa moo abbaafi haadha isaatii?' Jedhanii isa gaafatan.<sup>3</sup> Iyyasuusis akkana jedhee deebiseef 'Inni yookiin abbaafi haatii isaa cubbuu hi hojjanne, garuakka hojiin Waaayyoo isa keessatti muldhatuufi malee.'<sup>4</sup> Otoo guyyaa ta'e jiruu hojii isa na ergee hojjachuu qabna, halkan namni tokkollee itti hojjachuu hin dandeenye ni dhufa.<sup>5</sup> Amma ani addunyaa keessa jiruutti ani ifa addunyaaati<sup>6</sup> Erga Iyyasuus kana jedhee booda, lafatti tufee dhoqqee biyyee irraa hojjatee dhoqqe sana ija namichaa dibe.<sup>7</sup> Innis nama sanaan 'deemii bakka cuuphaa Saliihoomitti (ka "ergame "jechuun hiikama) dhiqadhu' jedheen. Kanaafu namichis dhaqeedhiqatee argaa deebi'ee dhufe<sup>8</sup>Ennasuma olloonni fi namoonni duraan otoo inni kadhatuu isa argan, 'namni kun isuma taa'ee kadhataa ture sanaadhaa mitu? jedhan.

<sup>9</sup>Muraasnus 'Ini isaa dha' jedhan. Kaan immoo 'miti, garuu inni isa fakkaata' jedhan. Garuu inni 'Inni ana dha' jedhe.<sup>10</sup>Isaanis 'Ijji kee akkamitti banameree' isaan jedhan. <sup>11</sup> Innis 'namni Iyyasuus jedhamu dhoqqee biyyee ijaa koo dibee' gara cuuphaa Saliihoomitti deemii dhiqadhu naan jedhe, anis deemeen dhiqadhe, argu nan danda'e' isaanin jedhe. <sup>12</sup>Isaanis isaan ' Inni eessaa jira' jedhaniin. Innis 'ani hin beeku 'jedheen.<sup>13</sup> Isaanis nama jaamaa ture sana gara Fariisotaa geessan. <sup>14</sup> Guyyaan itti Iyyasuus dhoqqee biyyeetiin ija namicha bane sanbata ture.

<sup>15</sup>Fariisotnis ammas akkamitti akka arguu danda'e isa gaafatan; Inis 'dhoqqee biyyee ija koo dibe, anis nan dhiqadhe, nan arges' isaaniin jedhe<sup>16</sup>muraasnus 'namni kun sababa sanbata hin eegnef namni kun Waqa bira miti' jedhan. Kaan immoo 'namni cubbamaan tokko akkamitti mallattoo akkana hojjata?' jedhan. Kanaafuu walakaa isaaniitti wal-hiruu ta'e.<sup>17</sup> Kanaafu isaanis nama jaamaa ture deebisanii 'waan ija kaa baneef ati waa'ee nama kana maal jetta? jedhaniii gaafatan. Namni jaamaa turees 'Inni raajaa dha' jedheen. <sup>18</sup>Yihuudootnis haga abbaa fi haadha nama agartuu isaa argate sana waaman: akka inni jaamaa ture fi akka inni agartuu isaa argate ammaliee hin amanne.<sup>19</sup> Isaanis 'inni kun ilma keessan isa isin jaamaa ta'eet dhalate jettan sanaadha? Yoos amma akkamitti arguu danda'eree?'jedhaniii gaafatan. <sup>20</sup>Kanaafuu abbaa fi haatii isaa 'Akka inni ilma keenya ta'e fi akka jaamaa ta'ee dhalates ni beekna. <sup>21</sup> Garuu amma akkamitti akka arguu danda'eefi eenyu ija isa akka baneef, nuti hin beeknu, Inni nama ga'eessa waan ta'eef isa gaafadha, inni waa'ee ofisaatii dubbachuu ni danda'a.' jedhaniii deebisanii.<sup>22</sup>Abbafi Haatii isaa waantota kana kan jedhaniif sabba Yihuudota sofaataniifi. Namni kamiyuu Iyyasuus inni Masihii dha jedhee yoo dubbate akka mana sagadaatii ari'atamu Yihuudotni duraan dursanii waan murteessaniidhaafi. <sup>23</sup>Kanaafu abbaa fi haati isaa inni nama ga'eessa isuma gaafadhaa jedhan. <sup>24</sup>Isaanis yeroo lammaffaf nama jaamaa ture sana waamanii 'Waaqayyoof ulfina kenni. Nuti namni kun cubbbamaa ta'u isaa ni beeknaa' jedhaniin. <sup>25</sup>Namni sunis deebisee 'Ani inni cubbamaa ta'u isaa hin beeku. Waantii beeku tokko ani jaamaan ture, amma garuu nan arga' jedheen.<sup>26</sup> Isaanis 'maal sii godhe? akkamitti ija kee bane? jedhaniin.<sup>27</sup> Innis 'Ani mee isinitti himeen jiraa, isinimmoo hin dhageenyee, amma maaliff deebiftanii dhaga'uu barbaadu? Hordoftoota isaa ta'uufis hin barbaadani moo, barbaaduu? jedheen.<sup>28</sup> Isaanis akkana jechuun isa deebisan 'Ati hordofaa isati, nuti garuu hordoftoota Museeti. <sup>29</sup>akka Waaqayyo Museetti dubbate ni beekna, namni kun eessaa akka dhufe garuu hin beeknu.<sup>30</sup>Namichis deebise akkana isaaniin jedhe 'Inni eessaa akka dhufe beekuu dhabuun keessan waan nama dinqu dha, kan ija kiyya naaf bane garuu isaa. <sup>31</sup>nama Isa waaqeffatuufi nama fedhii Isaa hojjatu malee, akka isaan cubbamoota hin dhageenyee ni beekna.<sup>32</sup>Enyullee ija nama isa jaamaa ta'ee dhalate tokko akka bane uumama addunyaarraa jalqabee dhagaaye hin beeknu. <sup>33</sup>kun otoo Waaqa bira dhufuu baatee homaa gochuu hin danda'u.<sup>34</sup>Isaanis akkana jechuun deebisanii 'ati kan dhalatte gonkumaa cubbudhaan, situ nu barsiisa' jedhaniii gad isa baasan.<sup>35</sup>Iyyasuus akka isaan mana sagadaatii gad baasan dhaga'ee yammuuisa argu 'Ati Ilma Namaatti ni amantaa? jedheen. <sup>36</sup>deebise 'Gooftaa, inni eenyuu dha, akkan ani isatti amanuu?' jedheen. <sup>37</sup>Iyyasuusis 'Ati amma isa argitee jirta, inni si waliin haasa'aa jiru isaa dha' jedheen. <sup>38</sup>yaa Gooftaa nan amana' jedhee sagadeef.<sup>39</sup>Iyyasuusis 'warri jaamaan akka arganif warri argan immoo akka jaamaniif murtii keennuuf gara addunyaa kanaa dhufeera' jedheen. <sup>40</sup>Fariisota keessaa muraasnii warri isa wajjin turan tokko tokko waan kana jechuu isaa dhageenyaa 'nutis immoo jaamotaa dha? jedhaniii gaafatan. <sup>41</sup>Iyyasuusis 'otoo jaamota taatanii cuubbuu hin qabdan turtan, isin garuu waan hin argina jettaniif cubbuun keessan ni jiraata' jedheen.

## Chapter 10

<sup>1</sup>Ani dhugaa, dhugaa isinin jedha, namni inni balbalaan gara mooraa hoolotaa hin seene, garu karaa birootiin utaalee kan seenu eenyumtu, namni sun hattuu fi saamtuu dha. <sup>2</sup>Namni inni balbalaan seenu tiksee hoolotaa dha. <sup>3</sup>Eegduun karaa isaaaf ni bana. Hoolonnis sagalee isaa ni dhaga'uu, innis hoolota isaa maqaadhaan waamee yaasa. <sup>4</sup>Erga isaan kan isaa ta'an hunda baasee booda isaan dura deema. Hoolonni isas sagalee isaa waan beekaniif isa duukaa bu'u. <sup>5</sup>Sababa sagalee isa isaanitti keessumaa ta'ee waan beeknaf gonkumaa isa hin hordofan, ofiraa isa fageesu malee. <sup>6</sup>Iyyasuus fakkeenya kana issanitti hime isaan garu waan inni isaanitti himaa ture hin hubanne. <sup>7</sup>Kanaafu Iyyasuus deebisee 'Dhugaa, dhugaa isiniin jedha. "Ani balbala hoolotaati. <sup>8</sup>Isaan ana dura dhufan hunduu hattootaa fi saamtota, hoolonni garuu isaan hin dhageenye. <sup>9</sup>Balballii ana dha, namni kamiyyuu yoo karaa koo ol-galu ni fayya. Inni ni gala, ni ba'as, waan dheedus ni argata. <sup>10</sup>Hattuun hatuuf, ajjeesuuifi balleessuuf malee hin dhuftu. Ani akka isaan jireenya qabaataniif innis isa irraa haafaa akka isaanii ta'uuf dhufeera. <sup>11</sup>gaariin ana, tikseen gaariin hoolotaa isatiif jedhee jireenya isa dabarsee ni kenna. <sup>12</sup>Hojjataan qaxarame inni tiksee dha miti hoolonnis kan isaa miti. Inni yammu yayyiin dhuftu argeet hoolota dhiisee baqata. Yayyiinis hoolota ni butataa, ni bittinneesas. <sup>13</sup>Sababa qaxaramaa ta'ee ni baqata hoolotaafis hin yaadu. <sup>14</sup>gaarii ana dha, Ani hoolota koo nan beeka, hoolonii koos immoo na beeku. <sup>15</sup>Abbaan ana ni beeka a is Abbaa nan beeka, jireenya koos dabarsee hoolotaaf nan kenna. <sup>16</sup>hoolota birroo isaan mooraa ka aa hin taane nan qaba isaanis immoo fiduun qaba, isaanis sagalee koo ni dhaga'uu, kanaafuu hoolota mooraa tokkoo ni ta'uu tikseenis tokko. <sup>17</sup>Ani deebisee fudhachuuf lubbuu koo dabarsee waaniin kenuus Abbaan koo na jaalata. <sup>18</sup>Anumatuu ofii kootiin lubbuu koo dabarsee kenna male eenyumtuunarraan hin fudhatuu. Ani dabarsee ishii kenuuf aangoo nan qaba, deebisee fudhachuufi aangoo qaba. Ajaja kanas Abbaa koo bira a fudhadheera. <sup>19</sup>Sababa dubbi kanaatiif ammas yihuudoota jidduutti garaagarummaan uumame. <sup>20</sup>Baay'een isaanis 'inni jinni qaba, maraateeras, isin maaliif isa dhageessu' jedhan. <sup>21</sup>kaanis 'kun jecha nama jinniidhaan qabameetii miti, jinniin ija nama jaamaa ta'ee banuu ni danda'a? jedhan <sup>22</sup>Yeroon sunii Iyyaruusaaleem keessatti 'Ayyaana kenna' ture, innis ganna ture. <sup>23</sup>Iyyasuus mana qulqullummaa keessa dedeebi'a Salamoona keessa adeema ture. <sup>24</sup>Yihuudootnis isa marsanii, hanga yoomitti onnee keenya raraafta? Ati yoo Kiristoos taate ifatti baasii nutti himi' jedhaniin. <sup>25</sup>Iyyasuusis 'Ani isinitti himeera, isin garuu hin amantan' isaanin jedhee deebiseef. 'Hojiin suni, innin ani Maqaa Abbaa kootiitiin hojjadhu kun waa'ee koo dhugaa ba'a' isaanii jedhe. <sup>26</sup>Isin garuu hoolotaa koo waan hin taaneefbhin amantan. <sup>27</sup>Hoolonni koo sagalee koo ni dhaga'u, Anis isaan nan beeka, isaanis na duukaa bu'u. <sup>28</sup>Anis jireenya barabaraan isaanif kenna, isaanis gonkumaa hin badan. Eenyumtuu harka koo keessa isaan hin butu. <sup>29</sup>Abbaan koo inni natti isaan kenne sun hunda caala, namni tokkollee harka Abbaa kootii keessaa isaan baasuu hin danda'u. <sup>30</sup>Aniifi Abbaan tokko dha. <sup>31</sup>ittiin dha'uuf dhagaa guurratan. <sup>32</sup>Iyyasuusis 'ani hojiwwan gaarii baay'ee kanneen Abbaa koo bira a ta'anin isinitti agarsiise. Hojiwwan kanneen keessa sababa isaan kamiitiif dhagaan na dha'uuf kaaturee?' Jedheen. <sup>33</sup>Yihuudootnis 'waanti dhagaa dhaan si dhoofnuuf, sababa ati hojii gaarii hojjattu kamiifuu miti, garu sababa ati waqa arrabsituufi malee, ati otoo nama taatu. Waaqa of gootuufi' jedhaniin. <sup>34</sup>Iyyasuusis akkana jedhee deebiseef 'seera keessan keessatti isin waaqota "isiniin jedheera" jedhamee hin barrefamnee? <sup>35</sup>Inni erga warra dubbin Waaqaayyoo isaanif dhufueef waaqoota jedhee isaan waame (barreefamnis cabu hin danda'u.) <sup>36</sup>Sababbi ani 'ani Ilma Waaqaati' jedheef, isin maaliif isabAbbaan qulqulleessa gara addunyaa kanaatti erge sanaan 'Ati Waaqa arrabsita naan jettu? <sup>37</sup>Yoodhan ani hojii Abbaa kootii hin godhiin na hin amaniina, <sup>38</sup>Garuu yoodhan ani isaan hojjadha, yoo natti amanu baattan illee hojiwwan amana, yoo sana akka Abbaan na keessa jiru, akkan anis Abbaa keessa jiru ni beektu, ni hubatuus.' <sup>39</sup>Isaanis deebisanii isa qabuuu yaalan, inni garuu harka isaanii jalaa ba'ee. <sup>40</sup>Iyyasuus deebi'ee gama Yoordaanoos bakka Yohaaniis jalqaba itti cuuphaa ture sana deemee achi ture. <sup>41</sup>Namootni baay'eenis gara isaa dhufanii 'Yohaaniis mallattoo tokkolle hin goone, garuu waanti inni waa'ee nama kanaa dubbate hundutuuu dhugaadha' jedhan. <sup>42</sup>Bakkuma sanaatti namootni baay'een itti amanan.

## Chapter 11

<sup>1</sup>Amma namni maqaan isaa Alaazaar jedhamu ni dhukkubsate. Bakki dhaloota isaa Bitaaniyaa ganda Maariyaamii fi Obboleetti ishii Maartaa ture. <sup>2</sup>Maariyaam ishii urgooftuu Gooftaa irratti gad-naqxee miila isaas rifeensa mataa ishiitiin haaxoofte, ishuma obbolleessi ishii dhukkubsatee dha. <sup>3</sup>Kanaaf obboleettoni isaa 'yaa Gooftaa namni ati jaalatu suun kunoo dhukkubsataa jira' jedhanii Iyyasuusitti ergan. <sup>4</sup>Iyyasuus yammuu waan kana dhaga'eet 'dhukkubni kunkakka Ilma Waaqayyoo ittiin ulfaatuufi ulfina Waaqayyootif dhufe malee du'aaf miti' jedhe. <sup>5</sup>Iyyasuus Maartaa fi Obboleetti ishii, Alaazaris ni jaalata ture. <sup>6</sup>Innis gaaf akka Alaazaar dhukkubsate dhaga'ee jalqabee guyyota lama bakkuma sana ture. <sup>7</sup>Waan kanaan booda innis hordoftoota saatiin 'gara Yihuudaatti deebinee haa deemnu' jedheen. <sup>8</sup>Hordoftootni isaas 'Rabbii |barsiisa| Yihuudootni dhiyeenyaa kana dhagaadhaan si dha'uu yaalaa jiran, ati achuma deebitee deemtaa' jedhanii. <sup>9</sup>isaanii 'guyyaan tokko keessa sa'aatii kudha lama ifa ta'a miti? jedhee deebiseef. Namni guyyaan deemu waan ifa aduunyaa kanaatiin arguufi hin gufatu. <sup>10</sup>Maalumaa haa ta'uu, inni halkaniin deema yoo ta'e, ni gufatu, sababa ifti isa keessa hin jirreefi dha.' <sup>11</sup>Innis waantota kana dubbatee, itti fufuunis 'Jaalalleen keenya Alaazaar rafeera, ani garuu achin deema yoos rafaatiirraan isa kaasa. <sup>12</sup>Hordoftootni isaas 'Gooftaa, innibrafee jira taanan ni dandamata' jedhanii <sup>13</sup>Iyyasuus kan dubbatee waa'ee rafitii hirribaa dubbate itti fakkaate. <sup>14</sup>Kanaafuu Iyyasuus ifa baasuunakkana isaanii jedhe 'Alaazaar du'eera. <sup>15</sup>Ani waa'ee keessanii nan gamada akka isin amantaniif sababan achii hin taaneef, ammma ka'aa gara isaa haa deemnu. <sup>16</sup>Toomaas inni Didiimoos jedhamuu waamamu hordoftoota isaan isa duukaa bu'aniinakkana jedheen 'nutis akkuma isa waliin duunuuf waliin haa deemnu' jedheen. <sup>17</sup>Yammuu Iyyasuus achi ga'u akka Alaazaar erga awwaalamee guyyoota afur ta'uu arge. <sup>18</sup>Bitaaniyaa Iyyarusaaleemirraa gara kiilomeetira sadii fagaata ture. <sup>19</sup>Yihuudootni baay'een gara Maartaa fi Maariyaam bira waa'ee obboleessa jajabeesuuf dhufan turan. <sup>20</sup>Maartaan yammuu dhufaati Iyyasuus dhageessu isa simachuuf gad baate, Maariyaam garuu manumatti hafte. <sup>21</sup>Iyyasuusiinakkana jetteen 'yaa Gooftaa, otoo ati asi jiraatte, taate obboleessi koo hin d'u ture. <sup>22</sup>Ammas taanaan akka Waaqayyoo waan ati kadhattu hunda si kennu nan baaka' jetteen. <sup>23</sup>Iyyasuus obboleessi kee deebise ni ka'a' jedheen. <sup>24</sup>Maartaanis akkanisaan jetteen 'akka inni du'aaka'iinsa isa gaafa guyyaa dhumaatti ka'u nan beeka. <sup>25</sup>immo du'a ka'iinsiif jireenyi ana dha inni kan natti amanu yoo du'el ee ni jiraata. <sup>26</sup>Kan jiraatuuf kan natti amanu kamiyuu gonkumaa hin du'u. Ati kana amantaa? <sup>27</sup>Ishiin jedhe. Ishiinis 'Gooftaa, eeyee akka ati Ilman Waaqayyoo nama isa gara addunyaa dhufuu taate nan amana' jetteen. <sup>28</sup>erga waan kana jetteenii booda, gara obboleetti ishi deemtee kophattaa Maariyaam ofti waamuunakkana jetteen 'Barsiisan asi jira, si waamas' jetteen. <sup>29</sup>yammee kana dhageesu dafte kaatee gara isaa deemte. <sup>30</sup>Yeroo kana Iyyasuus bakkuma Maartaanisa itti simatte ture male gara gandaatti hin dhufne. <sup>31</sup>Yihuudotni yammuu ishii jajabeesuuf mana keessa ishii waliin jiran sun akka dafte kaatee gad baatee arganii, boo'uuf jette gara bakka awwaala waan deemtu isaanitti fakaatee ishii hordofan. <sup>32</sup>Maariyaamis yammuu bakka Iyyasuus jiru sana geessu isa argitee miilaa isaa jalatti kufteeakkana isaan jette 'yaa Gooftaa, otoo ati asi jirta taate obboleessi koo hin du'u ture. <sup>33</sup>Iyyasuusis boo'uu ishii, Yihuudootni ishii waliin dhufanis boo'uu isaanii argeet hafura isaatin gadda keessa gale, ni dhiphate. <sup>34</sup>eessa isa keessan?' jedheen isaan gaafate. Isaanis 'yaa Gooftaa kootutuui ilaali' jedhanii. <sup>35</sup>Iyyasuusis ni boo'ee. <sup>36</sup>Yihuudotnis 'Inni ammam akka Alaazaar jaalatu mee argaa' jedhan. <sup>37</sup>Isaan kaan garuu 'Inni kuni ija nama jaamaa sana banee ta'uu danda'a, akka namni kunis hinduune hin godhu ture' jedhan. <sup>38</sup>Iyyasuus ammas gada keessa senuun gara awwaalichaa deeme innis holqa ture, balballi bolichaas dhagaadhaan cufamee ture. <sup>39</sup>Iyyasuusis, 'dhagaa irraa kaasaa' jedheen. Maartaan obboleetiin Alaazaar isa du'e 'yaa Gooftaa erga du'ee guyyota afur waan ta'eef foolii qaba' jetteen. <sup>40</sup>Iyyasuusis 'yoo amante akka ulfina Waaqayyoo argitu sitti hin himnee' jedheen. <sup>41</sup>Kanaafuu awaalicharraa dhagicha kaasan. Iyyasuus ol ilaaleeakkana jedhe 'yaa Abbaa waan na dhageessuuf sin galateeffadha. <sup>42</sup>Akka ati yeroo hundumaa na dhageessuus nan beeka, garuu akka namootiin as dhabatan kunii akka ati na ergite amananiif isaanii jedheen kana dubbadha. <sup>43</sup>Erga inni waan kana jedheen booda sagalee isaa guddisee ol kaasuuun 'Alaazaar ba'ii kootu' jedheen. <sup>44</sup>Namni du'e sunis akkuma harkii fi miilli isaa hucuu (carqi) dhaan hidhameen (kafaname) tti, fuulli isaas uwifametti ol ba'ee. Iyyasuusis hiikaatii dhisaa haa deemuu isanii jedhe. <sup>45</sup>Kanaafuu Yihuudotni gara Maariyaam dhufaniifi gocha Iyyasuus argan keessaa baay'een isaanii isatti amanan. <sup>46</sup>Isaan keessaa muraasni garu gara Fariisotaa deemanii waantota Iyyasuu godhe isaanitti himan <sup>47</sup>Kanaafuu Lubbootni Hangafootnii fi Fariisootni wal gayi gumii walitti qabuunakkana jedhan 'Maal gochuu qabnaa? Namni kun mallattoo baay'ee godhaa. <sup>48</sup>Yoo akkasumaan issa dhiifne namni hundi isatti amana, warri Roomees dhufanii bakka fi saba keenya lachanuu fudhatu. <sup>49</sup>Akkamuma haa ta'uu isaan keessaa namni Qayyaafa jedhamu kan waggaan sanatti Luba ol aannaa ta'ee ture, isaanin 'isin waanti beektan homaa hin jiru. <sup>50</sup>Sabni hunduu baduurra namni tokko namootaaf du'uun akka wayyu isin hin hubanne. <sup>51</sup>Innis bara sana waan luba ol-aanaa ta'eef akka Iyyasuus sabaaf du'uun qaba jedhee

raajii dubbachuu isaatii malee ofii isaa keessaa miti.<sup>52</sup> qofaa otoo hin taane akka ilmaan Waaqayyoo kaneen bittinaa'aan bakka tokkotti walitti qabannaniifis malee.<sup>53</sup> Kanaafuu guyyaa sanarraa jalqabee akkamitti akka isaan isa ajjeesuu danda'an karoorfatan.<sup>54</sup> Kanaafuu Iyyasuus kana booda Yihuudota jidduu ifatti deddeebi'uu ni dhaabe, garu achii gad lakkisee gara magaalaa Efreem ishii lafa onaatti dhiyoo taate deeme, hordoftootni isaas waliin achi turan.<sup>55</sup> Ayyaanii Faasiigaan Yihuudotaa amma waan dhiyaateef namootni baay'een otoo faasigaan hin ga'iin dura of qulqulleesuuf jecha biyyaa gara Iyyaruusaaleem deeman.<sup>56</sup> Isaanis Iyyasuus barbaadaa turan, mana qulqullumma keessaas dhabatanii 'isin maal yaaduu? Inni gara ayyana kana hin dhufuu? waliin jedhan.<sup>57</sup> Lubootni hangafootnii fi Fariisotni garu Iyyasuus qabuuf jedhanii namni kamiyyuu bakka inni jiru beeka yoo jiraate akka isaaniif gabaasuu ajaja kennan.

## Chapter 12

<sup>1</sup>dura guyyaa ja'affaatti Iyyasuus gara Biitaaniyaa, bakka Alaazaar inni Iyyasuus du'aa kaasee ture dhufe. <sup>2</sup>achitti irbaata isaaf hojjatan, Maartaanis ni tajaajiltii turte, Alaazaar garu warra isaan isa waliin gara mijala irbaataatti marsanii ta'aani keessaa isa tokko ture. <sup>3</sup>sana Maariyaam urgooftuu naardiis litira tokko kan gattin isaa mi'aa (guddaa) ta'e fuutee miila Iyyasuus ittiin dibdee rifeensa mataa ishiitiinis miila isaa haaxoofte, Manichis urgaa urgooftuu sanaatiin guutame.<sup>4</sup>Hordoftoota isaa keessaa isa tokkodha, Yihuudaa Asqoorot isaa dabarsee isa kennuuf jiruuakkana jedhe. <sup>5</sup>Urgoftuun kun maaliif diinaara dhibba saditti gurguramee hiyyeyyiif hin kennamne? <sup>6</sup>Akkana kana jedheef hiyyeyyootiif yaadee otoo hin ta'iin sababa hatuu ta'eef dha. Korojoonis harka isaa jira turee, qarshii walitti qabamu keessaa ofiisaatit itti fayyadama ture.<sup>7</sup>Iyyasuus 'hayyamaaf urgoftuu kana guyyaa awwaala kootiitiif naa tursifte. <sup>8</sup>Hiyyeyyiin yeroo hundumaa isiin waliin jiru. Ana garuu yeroo huda hin argattan' jedheen.<sup>9</sup>Yihuudotni baay'eenis akka Iyyasuus achi jiraachuu baranii dhufan, dhufaatiin isaanis Iyyasuusiif qofa otoo hin ta'iin, Alaazaar isa inni du'aa kaases ilaaluuf malee. <sup>10</sup>Kanaafuu Luboonni Angaafotni Alaazaar ajjeesuuf mari'aatan. <sup>11</sup>Yihuudoota keessaa namoonni baay'een sababbi isaaatiif deemanii. Iyyasuusitt amanan.<sup>12</sup>Guyyaa itti fufus hoomaan namootaa gara ayyaanichaah dhufan isaanis yammuu Iyyasuus gara Iyyaruusaaleem dhufaa jiru dhaga'an. <sup>13</sup>Meexii qabatanii isa simachuuf ba'anii sagalee guddaanakkana jedhan 'Hoosaa'inaa! Kan maqaa Gooftaatii dhufu eebifamaadha! Mooticha Israa'eel.<sup>14</sup>Iyyasuus ilmoo harree tokko arge irra taa'e, kunis akkumaakkana jedhamee barrefamee dha. <sup>15</sup>Yaa intala (durba) tsiyoon hin sodaatiin, kunoo mootiin kee ilmoo harreerra taa'ee dhufuu jiraa.<sup>16</sup>Hordoftootni isaa jalqabatti waan kannee hin hubanne turan, yammuu Iyyasuus ulfaata garu akka waantootani kun barreeffaman kun waa'ee isaa ta'eefi isaanis akka waantita kana isaaf godhan yaadatan.<sup>17</sup>Hoomaan namootaa isawaliin turan akka inni awwaala keessaa Alaazaar waamee du'aa kaasee dhugaa ba'an. <sup>18</sup>Akkasumas hoomaan namootaa isasimachuu ba'anifi sababa malattoolee kana inni gochuu dhaga'aniif.<sup>19</sup>Kanaafuu Fariisootni 'Isin akka waan gaarii tokkollee addunyanisa duukaa bu'eera' waliin jedhan.<sup>20</sup>muraasni warra yeroo ayyaanaa sagaduuf ol-deeman keessa jiru turan.<sup>21</sup>Isaani kunis gara Filiiphoos nama Beetasaayidaa ishii Galilila keessaa bira deemanii 'Goofticha Iyyasuus arguu barbaadna' jedhaniin.<sup>22</sup>Filiiphoosiis deemeet Indiriyaasitti hime, Indiriyaasifi Filiiphoos waliin deemanii Iyyasuusitt himan.<sup>23</sup>Iyyasuusakkana jechuunisaaniifdeebise 'sa'aatiin inni Ilmi Nama itti ulfaatuuga'eera.<sup>24</sup>Dhugaa, dhugaa isiniin jedha firiin qamadii yoo lafa buutee du'uu baatte qophaaishiin harftii, yoo duute garuu firiibaa'yee buufti.<sup>25</sup>Namni inni lubbuu isaa jaalatu ni dhaba, inni addunyaa kana keessatti lubbuu isaa inni jibbu garuu jirenya barbaraatiif lubbuu isaa kaawwata.<sup>26</sup>Namni na tajaajilu barbaadu kamiyyuu, inni ana haa hordofu, bakkanani jiru kan na tajaajilu ni jiraata, nama na tajaajilu kamiyyuu isaa Abbaan koo ni ulfeessa.<sup>27</sup>Amma lubbuun koo dhiphateerti maal haa jedhhu? Yaa Abbaa kana jalaa na eegi? garuu sababuma kanaafin gara sa'aatiikanaa dhufeera.<sup>28</sup>Yaa Abbaa maqaa kee ulfeessi.' Akkasumas sagaleen 'Ani ulfeeseera, ammas deebisee nan ulfeessa' jedhu saamii dha dhufe.<sup>29</sup>Namoonni oomaan achi dhaabachaa jiran yammuu sagalee jedhe sana dhaga'an 'bakka kaadha' jedhan, kaan immoo 'Maleekatuu itti dubbata' jedhan.<sup>30</sup>Iyyasuus deebiseef, akkanas jedhe 'sagaleen kun isiniif jedhee dhufe malee anaaf miti.<sup>31</sup>Yeroon itti addunyaa kanaatti murtaa'u amma dha, amma bulchaan addunyaa kanaa gad-darbama.<sup>32</sup>Yammuunani lafa irraa ol-ol jedhen nama hundaa ofittinharkisa.'<sup>33</sup>kana kan jedhe akka du'aakkamii du'u agarsiisuu.<sup>34</sup>Namootni oomaanis deebisanii 'Nuseera irraa akka Masihiin barabaraan jiraatuu dhageenyeyerra, atiakkamiti: Ilmi Namaa Ol-ol jechuun qaba jechuu dandeessaree? Ilmi Namaa kunis eenyu dha?' jedhaniin.<sup>35</sup>Iyyasuusakkanaisaaniin jedhe 'ammalleeifti yeroogabaabaafisiin bira jira, kanaafuu akka dukkanni isin hin fudhanne, otoo ifaqabdanuu deddebi'aa. Namni inni dukkanaan deemu eessa akka deemu hin beeku.<sup>36</sup>ifaa akka taatanif, otoo ifaqabdanuu, ifankanattiamanaa. Iyyasuus eega waantootakanneendubbatee booda achii deeme, isaan jalaas dhokate.<sup>37</sup>Iyyasuus isaan fuulduhatti mallattoolee baay'ee hoojjatullee, ammas isaan isatti hin amanne.<sup>38</sup>Kanaafuu dubbiin Isaayaas Raajicha, inni "Yaa Gooftaa dhugaa ba'iinsa keenya eenyutuu amane? Irreen Gooftaas eenyutti muldhate?"<sup>39</sup>Sababa kanaaf usaan amanuu hin dandeeyne, ammas Isaayaasakkana jedhe<sup>40</sup>Inni ija isaan jaamse Onnee isaanis jabeesse Otoo ta'uu baatee ija isaanitiin ni arguture Onnee isaanitiinis ni hubatu ture."<sup>41</sup>Isaayaasis wantootakanneendubbatee booda achii deeme, isaan jalaas dhokate.<sup>42</sup>ta'ullee, warra aangoi qaban keessaa baay'een Iyyasuusitt amanan, garuu sababa Fariisonni mana sagadaatti nu baasuu jedhanii sodaataniif akka amanan hin dubbanne.<sup>43</sup>Isaanis ulfina Waaqayyoo biraa dhufu caala ulfina nama biraa dhufu jaalatu turan.<sup>44</sup>Iyyasuusakkana isaa ol-kaasuun 'Namni inni natti amanu ana qofatti otoo hin ta'iin isana ergettis ni amana,<sup>45</sup>inni na ergiesisas ni erga.<sup>46</sup>addunyaa kanaatti akka ifaa ta'een dhufa, kanaafuu inni natti amanueenyumtuu dukkana keessatti hin hafu.<sup>47</sup>Namni kamiyyuu yoo dubbii koo dhaga'ee garuu yoo isaan eeguu baatee kan isatti murteeessu anaa miti, addunyaa kanaatti murteeessuuf waanin hin dhufneef, addunyaa fayyisuuf malee.<sup>48</sup>inni na didu

inni dubbii koos hin fudhanne, kan isatti murteessu qaba. Dubbiin ani dubbadhe gaafa guyyaa dhumaan isatti murteessa.<sup>49</sup> Abbaa na erge sanatuu akkan an maal dubbadhu fi maal jedhu ajaja naaf kenna malee ani ofuma kootii hin dubbadhu.<sup>50</sup> Akka ajajni isaa sun jirenya barabaraa ta'e ani nan beeka, kanaafuu waantiin ani jedhu akkuma Abbaan natti dubbate sanattiin dubbadha.

## Chapter 13

<sup>1</sup>amma yeroon sun ayyaana faasigaatiin dura ture Iyyasuus addunyaa kana keessaa gara Abbaa deemuuf akka sa'aatiin isaa ga'e ni beeke; Innis warra kan isaa ta'an kanneen addunyaa keessa turan ni jaalate, hanga dhumaattis isaan jaalate. <sup>2</sup>Iyyasuusii fi hordoftootni isaa yeroo irbaatni dhiyaatu Daabiiloos akka inni Iyyasuus dabarse kennuuf yaada Yihuudaa Asqorootuu ilmi simi'oon keessa kaka'uumsa kaa'ee ture. <sup>3</sup>Iyyasuus akka Abbaan waan hunda harka isaatti dabarsee kenne, akka Waaqayyoo biraahufi akka gara Waaqayyootti deebi's beeka ture. <sup>3</sup>Irbaata irraa ka'ee uffata isa irratti uffatamu ofirraa fuudhe lafa kaa'e. Akkasuma fooxaa mundhiitti hidhata. <sup>5</sup>Eegasii bishaan gabateetti naqatee miila hordftoota isaa dhiquufi fooxaa mundhiitti hidhate sanaa haxaa'uh jalqabe. <sup>6</sup>Innis gara Simi'oon Pheexiroositti dhufe: Pheexiroosiis 'yaa Gooftaa situu miila koo na dhiqaa' jedheen. <sup>7</sup>Iyyasuusis deebiseef, akkanas jedheen 'waan ani hojjachaa jiru ati ama hin hubattu, booda garuu ni hubata.' <sup>8</sup>akkana jedheen 'hin ta'u ati gonkumaa mila koo hin dhiqxuu.' Iyyasuusis deebise 'yoodhan ani si dhiqe malee ati na biratti qooda hin qabdu' jedheen. <sup>9</sup>Pheexiroosis deebisee 'yaa Gooftaa yoos harka koofi mataa koos malee miila koo qofa hin ta'iin' jedheen. <sup>10</sup>Iyyasuusis 'namni nafa isaa dhiqate tokko miila isaa qofa dhiqachuu qaba nafti isaa guutuun qulqulluudha.' jedheen. <sup>11</sup>'eenyu dabarsee akka isa kenu waan beekuuf, sababa kanaaf 'isin hundi keessan qulqulluu miti jedheen. <sup>12</sup>Iyyasuus akkuma miila isaanii dhiqeen booda uffata isaa ufatee bakka isaatti deebi'ee taa'e, akkanas jedheen 'Waan ani isniif godhe hubbatu?' jedheen. <sup>13</sup>Isin Barsiisaa fi Gooftaa jettanii na waamtu sirriidhuma jettan, ani isum isin naan jettan sanaadha. <sup>14</sup>Egaa ergan ani Gooftaa fi Barsiisaa ta'e miila keessan dhiqee, isinis akkasuma miila waliin dhiquu qabdu. <sup>15</sup>Akkuman ani isiniif godhe kana isinis akka gootaniif ani fakkeenya isiniif kenneera. <sup>16</sup>Dhugaan, dhugaa isinittti hima tajaajilaan gooftaa isaa hin caaluu, ergamaanis kan isa erge hin caalu. <sup>17</sup>Egaa yoo waan kana beektan, yoo raawwatanis isin eebiifamoodha. <sup>18</sup>waa'ee hunda keessanii dubbachuuf miti, ani warran isaan filadhe beeka, kun garuu akka kitaaba keessatti 'Inni biddeena koo nyaate inni koomee isaa ol-natti fudhata' jedhamee berreefamee sun akka raawwatomuuf. <sup>19</sup>Isin yammuu inni raawwatomutti akka 'Inni Ana ta'e akka amantaniif otoo inni hin raawwatomuuf amma isinittin hima. <sup>20</sup>Dhugaa, dhugaa isiniin jedha, kan naman ani erge siimatu eenyumtuu na simata, kan simatu enyumtuus isa na erges ni simata. <sup>21</sup>erga kana dubbatee booda hafuuraan dhiphate, Ani dhugaa, dhugaa isiniin jedha isin keessaa tokko dabarseet na kenna' jedhe. <sup>22</sup>Hordoftootni akka inni waa'ee enyuu akka dubbate, waan hin beekneef wal-ilaalan. <sup>23</sup>Hordoftoota isaa keessaa, inni Iyyasuus jaalatu tokko minjaalicha irra bokko (cinaa) Iyyasuus ta'ee ture. <sup>24</sup>Simi'oon pheexiroosis isaan 'mee enyuu jechuu isaa akka ta'e gaafadhu' gaafadhu jedheen nyaaraan itti hime. <sup>25</sup>Kanaafuu innis Iyyasuusitti hirkachuun 'yaa Gooftaa enyuu inni' jedheen. <sup>26</sup>Iyyasuusis deebisee 'innin ani bideena kutee waciitiin cuuphee afaan kaa'u inni isaa dha' jedheen. Haaluma kanaan inni biddeena kutee waciitiin cuuphee ilma Simi'oon Asqorotuu Yihuudaatiif kenne <sup>27</sup>Erga biddena fudhatee booda Seexanni isa keessa galee. Iyyasuusis 'waan gochuuf jortu dafii godhi' isaan jedhe. <sup>28</sup>Warra mijalarra nyaatatti dhiyaatan sana keessaa namni tokkollee waan Iyyasuus maliif akka waan kana isaan jedhu hin beekne. <sup>29</sup>Sababa Yihuudaan qabdu qarshii (maallaqaa) ta'eef waan Iyyasuus 'ayyanichaaf waan nu barbaachisu biti' jedheen yookiin akka inni hiyyeyyiif waa kennuuf' waan isatti hime isaanitti fakkaate. <sup>30</sup>Yihuudaan akkuma biddeena sana fudhatee booda gad-ba'e, yeroon sunis halkan ture. <sup>31</sup>Erga Yihuudaan ba'e booda, Iyyasuus akkana jedhe 'Amma Ilmi Namaa Ulfaateera, Waaqayyoo sisa irratti ulfaateera.' <sup>32</sup>Waaqayyoo isa irrati yoo ulfaata inni ofuma isaatiin isa ulfeessa, ennasumasbisa ulfeessa. <sup>33</sup>Yaa daa'imman, ani yeroo gabaabaaf isin waliini ta'a, isin na barbaadu, ani akkuma Yihuudotaan jedhe bakka ani dhaqu isun dhufuu hin dandeessan jedheen sana amma immoo isiniin jedha. <sup>34</sup>Akka wal jaalattaniif ani, ajaja haaraan isiniif kenna, akkuman ani isin jaaladheetti isinis akkasumatti wal-jaaladhaa. <sup>35</sup>Yoo isin wal-jaalattan namoonni hunduu akka isin hordoftoota koo taatan ni beeku. <sup>36</sup>Simi'oon Pheexiroosis 'yaa Gooftaa ati eessa deemtaa?' jedheen isa gaafate. Iyyasuusis 'Bakka ani amma deemuuf jedhuu ati ana waliin dhufuu hin dandeessu, booddee garuu na hordofta' jedheen. <sup>37</sup>Pheexiroosis 'yaa Gooftaa ani amma maaliifin si hordofuu hin dandeenye? Ani lubbuu koollee dabarseen si kenna' jedheen. <sup>38</sup>Iyyasuus 'Lubbu kee dabarsitee naaf kennitaa? Dhugaa, dhugaa sitti hima otoo kormaan hnidaaqoo (lukkuu) hin iyyiin atti yeroo sadii na ganta' jedheen.

## Chapter 14

<sup>1</sup>keessan hin raafamiin Waaqayyootti amanaa, anaattiis amanaa. <sup>2</sup>Abbaa kootii keessa kutaan jirenya baay'eetuu jira, otoobakkana ta'uu baatee ani isinittin hima ture ani bakka isiinif qopheessuuf achin dhaqa. <sup>3</sup>Anis yoodhan achi deemee bakka isiniif qopheessa, akka isinis bakka ani jiraadhu jiraataniif deebi'ee dhufun ofitti isin fudhadha. <sup>4</sup>Isinis karaa bakkan ani deemu geessu ni beektu. <sup>5</sup>Toomaasis Iyyasuusiin 'Yaa Gooftaa ati eessa akka deemtu nut hin beeknu hoo, akkamitti karaa sana nut beekuu dendeenya?' jedhe. <sup>6</sup>Iyyasuusis 'Karaaf dhugaan jireenyis Ana dha, yoo anaan ta'e malee eenyumtuu gara Abbaa hin dhufu.' <sup>7</sup>isn na beektanii Abbaa koos akkanuma ni beektu turstan. Ammarraa jalqabdaniis isa ni beektu, isas argitaniittu. <sup>8</sup>Filiiphoosis 'yaa Gooftaa, Abbaa nutti agarsiis, kunis nu ga'a.' <sup>9</sup>Iyyasuusiin jedhe. Iyyasuusis 'Filiiphoos ani yeroo dheeraa ammanaa isin waliin jiraadhee, ati ammalee ana hin beeknee? isaan jedhe. Namni na arge kamiyyuu Abbaas argeera, yoos ati akkamitti Abbaa nutti agarsiis jechuu dandeesse ree?' <sup>10</sup>Akkan ani Abbaa keessa jiruufi Abbaanis akka ana keessa jiru ati hin amantuu? Ani dubbiin isinitti dubbadhu kana aangoo ofuma kootiitiin hin dubbadhu, garuu Abbaan inni ana keessa jiraatu gocha isaa ni hojjata. <sup>11</sup>ani Abbaa keessa jiru, Abbaanis akka na keessa jiru na amanaa. Yookiin sababuma hojiiwwan ofibsaaniitiif jedhaatii amanaa. <sup>12</sup>Dugaa, dhugaa isiiniin jedhe 'Namni natti amanu inni hojjiin ani hojjadhu ni hojjata, ani waaniin gara Abbaa deemuf kan natti amanu waan kanneen caaluu ni hojjata. <sup>13</sup>Akka Abbaan Ilma isatiin ulfina argatuuf waan kamiyyuu maqaa kootiin waan isiin gaafatan hunda ani nan raawwadha. <sup>14</sup>Isin waanuma kamiyyuu maqaa kootiin yoo na gaafattan ani nan raawwadha. <sup>15</sup>Isin yoo na jaalattan, ajaja koo ni eegdu, <sup>16</sup>Anis Abbaa nan kadhadha. Innis akka barabaraan isin waliin jiraatuuf jajjabeessaa biraa isiniif ni erga. <sup>17</sup>Hafuura dhugaa Addunyaa waan isa hin beekneefi hin argineef isa fudhachuu hin danda'an isin garuu waan inni isin waliin jiruufi, isin keessas waan jiruuf isa ni beektu. <sup>18</sup>Ani akka ijoollee Abbaa fi Haadha hin qabneetti isin hin dhiisu, gara keessan nan dhufa. <sup>19</sup>gabaabaan booda addunyaan deebi'ee ana hin argu, isiin garuu na argitu, sababan ani jiraadhuf isinisi ni jiraatu. <sup>20</sup>ani Abbaa koo keessa jiru, akka isinis na keessa jirtan, akkan anis isin keessa jiru guyyaa sana ni beektu. <sup>21</sup>Namni inni ajaja koo of biraa qabu isas kan eegu inni nama na jaalatuu dha, nama na jaalatu Abbaan koo ni jaalata, anis isa nan jaaladha, ofis isatti nan muldhisa. <sup>22</sup>Yihuudaa (Asqorootu kan hin ta'in) Iyyasuusis 'yaa Gooftaa ati maaliif addunyaatti otoo hin ta'in nutti of muldhifta?' jedheen. <sup>23</sup>Iyyasuus uskana jedhee deebiseef 'Namni inni kamiyyuu yoo na jaalata dubbii koo ni eega. Abbaan koos isa ni jaalata; gara isas ni dhufna;isa biras jiraanya keenya ni taasifna. <sup>24</sup>Namni inni na hin jaalanne dunnii koos hin eegu, dubbiin isin dhageessan kunis kan Abbaa isa na erge sanaati malee kootii miti. <sup>25</sup>Ani otuman isin waliin jiru wantoota kana hunda isinitti hime. <sup>26</sup>Jajjabeesan sun -Hafuura Qulqulluu isa Abbaan maqaa kootiin erguu dha, inni waan hunda isin barsiisa, waaniin ani isinitti hime hundumaas isin yaadachiisa. <sup>27</sup>Ani nagaan isiniif dhiise, nagaa koo kaniin ani isiniif kennu nagaa kan akka addunyaan kennituuti miti. Onneen keessan hin raafamiin hin sodaatiinis. <sup>28</sup>Isin akkan ani 'nan deema deebi'ee gara keessan nan dhufa' jedhe dhageessanii jirtu, otoo na jaalatani yammuu gara Abbaa dhaquubkootti ni gamaddu turstan, waan Abbaan na caaluuf. <sup>29</sup>Amma yammuu waanti kun ta'u akka amantaniif otoo inni hin ta'iin ani duraan dursee isinitti himeera. <sup>30</sup>Waan bulchaan addunyaa kanaa dhufuuf ani kanaan achi isin waliin baay'ee hin dubbadhu, innis angoo ana irratti hin qabu. <sup>31</sup>Garuu akkan an Abbaa jaaladhu addunyaa akka beekuuf,akkuma Abbaan ana ajajeettis nan raawwadha olka'aa asii haa deemnuu.

## Chapter 15

<sup>1</sup>Ani jirma Wayinii dhugaati. Kan dhaabess Abbaa kooti. <sup>2</sup>Inni damee narra jiru kan firii hin bufne hunda muree gata, damee firii buusu immoo akka caalattu buusuuf irraa kiittaana. <sup>3</sup>Isin ergaan ani isiniti dubbadheeraa kan ka'e qulqulloftaniirtu. <sup>4</sup>Na keessa jiraadhaa, anis isin keessan jiraadhaa. Akkuma dameen yoo jirma wayiniitti jiraatu malee ofuma isaaniin firii buusuu hin dandeenye, isinis yoo an keessa jiraattan male firii buusuu hin dandeessan. <sup>5</sup>Ani jirma wayiniitti isin immoo dameewwan. Namni inni kamiyyuu yoo na keessa jiraate, anis yoodhan isa keessa jiraadhe, inni firii baay'ee buusa, isin anaan malee homaa gochuu hin dandeessan. <sup>6</sup>Namni inni kamiyyuu na keessa yoo hin jiraatiin inni akka damee achi darbatamee goguti, isaanis dameewwan walitti qabanii ibidda keessa darbatu, ni gubamas. <sup>7</sup>Isin yoo na keessa jiraattaniif dubbiin koos yoo isin keessa jiraate, waan feetan hunda gaafadhaa, innis isinif godhama. <sup>8</sup>Isin yoo firii baay'ee buufattanii fi kanaaniis hordoftoota koo akka taatan yoo mirkaneesitan, kanaan Abbaan koo ni ulfaata. <sup>9</sup>Akkuma Abbaan na jaalatutti anis isin jaaladheera, Jaala koo keessa jiraadhaa. <sup>10</sup>ani ajaja Abbaa kootii eeggee jaalala isaa keessa jiraadhu, isinis yoo ajaja koo eegdan jaalala koo keessa ni jiraattu. <sup>11</sup>waantota kannen isiniti himeera, kunis immoo akka gammachuun koo isin keessa jiraatuufi gammachuun keessanis akka guutuu ta'uufi dha. <sup>12</sup>Ajajni koo isa kanaadha 'akkuman ani isin jaaladhetti isinis wal-jaaladha. <sup>13</sup>kamiyyuu jaalala guddaa lubbuu isaa dabarsee jaalalleewwan isatiif keennuu caala hin qabu. <sup>14</sup>Waanin ani isin ajaje kana yoo gootan isin michoota kooti. <sup>15</sup>Ani ammaan booda hojjataa (garboota) isiniin hin jedhu kunis hojjataan(garbicha) waan gooftaan isaa hojjatu waan hiin beekneef, ani isinin michoota jedheera. Anis waanin Abbaa koo irraa dhaga'ee hundumaa isin beeksiiseera <sup>16</sup>Isin akka deemtanii firii buuftaniif, firiin keessaniin akka jiraatuuf anatuu isin filate, anatuu isin muude male isin na filanne, kunis akka Abbaan waan isin maqaa kootiin gaafattan hunda isinii kennufi. <sup>17</sup>Ani isiniin ajaja, Wal-jaaladha. 18Addunyaan yoo isin jibbe, otoo isin hin jibbiiniin dura akka na jibbe beekaa. <sup>18</sup>Addunyaan yoo isin jibbe, otoo isin hin jibbiiniin dura akka na jibbe beekaa. <sup>19</sup>ooto kan addunyaat taatanii addunyaan akka kan ofi isatti isin jaalata ture, garuu amma isin kan addunyaat waan hintaaneefi sababan ani addunyaat keessa isin filadheef kanaafuu addunyaat isin jiba. <sup>20</sup>Dubbun ani 'hojjataan (garbichi) gooftaa isaa hin caaluu isainiin jedhe sana yaadadha.' Isaan erga ofirraa na ariyatani, isinis akkasuma ni ariyatuu, dubbii koo yoo eegan, akkasuma keessanis ni eegu. <sup>21</sup>sababa isa na erge sana hin beekneef maqaa kootiif jedhanii waan kana hunda isin irratti raawwatu. <sup>22</sup>Otoon ani dhufee isaanitti himuu baadhee cubbuu isaanitti hin ta'u ture, amma garuu cubbuu isaanitiif sababa dhiyeffatan hin qaban. <sup>23</sup>Namni inni na jibbu Abbaa koos akkasuma ni jibba. <sup>24</sup>Otoon ani hojii namni biraam kampiyyuu hin hojjanne jidduu isaanitti hojjachuu baadhee cubbuu isaanitti hin ta'u ture. Amma garuu otuman waaniin hojjadhe argaa jiranuu anas abbaa koos jibban. <sup>25</sup>Kunis garuu akka dubbiin seera isaanii keessatti 'Isaan sababa malee na jibban' jedhamee barreeffame sun raawwatamuuf ta'e. <sup>26</sup>Yammuu jajjabeessaan innis Hafuura dhugaa innin ani Abbaa biraam isinii ergu inni Abbaa keessaa ba'u dhufu sun inni waaye koo ni dhugaa ba'a. <sup>27</sup>Isin jalqaba kaaftanii waan ana waliin turtaniif ni dhugaa baatu

## Chapter 16

<sup>1</sup>wantoota kanneen akka isin karaa irraa hin badneef jedheen isinitti himeera. <sup>2</sup>Isaanis mana sagadaa keessaa isin ni ari'u. Garuu yeroon namni isin ajeesu kamiyyuu akka waan Waaqa tajaajiluutti itti yaadu tokko ni dhufa.

<sup>3</sup>Sababni isaan waantoota kanneen godhaniif waan Abbaa yookin ana hin beekneefi dha. <sup>4</sup>Ani waa'ee isaanii isinitti dubbachuun koo yammuu yeroon isaanii dhufuu akka yaadattaniifin isinitti hime. Ani waanin isin waliin tureef kanaan dura waa'ee waantoota kanneenii isinitti hin himne. <sup>5</sup>Amma garuu ani gara isa na ergee nan deema, ta'us isin keessa namni 'ati eessa deemta? jedhee na gaafatu kamiyyuu hin jiru. <sup>6</sup>Garuu sababan waantoota kanneen isinitti himeef gaddi hadhha'an onnee keessan keessa guuteera? <sup>7</sup>ani dhugaan isinitti hima, yoodhan deeme isiniif wayya, ani deemu malee jajjabeessaan sun gara keessan hi dhufu, ani yoon deeme garu isa isiniif nan erga. <sup>8</sup>Yammuu inni dhufu, jajjabeessaan addunyaan akka dogongoran, waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa fi waa'ee murtii ni sirreessa. <sup>9</sup>Waa'ee cubbu, sababa isaan anatti hin amanneef. <sup>10</sup>Waa'ee qajeelummaa, sababan ani gara Abbaa deemuufi isinis kanaan booda na hin argineef. <sup>11</sup>waa'ee murtii, sababa bulchaa addunya kanaa itti murtaa'eefi. <sup>12</sup>ammallee waantiin isinitti himu baay'een qaba, isin garuu amma baachuu hin dandeessan. <sup>13</sup>Garuu inni, Hafurri dhugaa yammuu dhufu, inni gara dhugaa hundatti isin qajeelcha, inni waan dhaga'ee hunda hima malee ofuma isaatiin hin dubbatu, waan dhufuuf jitu isinitti hima.

<sup>14</sup>Sababa inni waanuma koo anarrraa fudhee waan isinitti himu inni na ulfeessa. <sup>15</sup>Waanti Abbaan qabu sun hundinuu kootuma. Kanaafuu Hafuura waan kan koo ta'ee anarrraa fuudhee isinitti hima kanin isiniin jedhe sanadha. <sup>16</sup>yeroo gababaaf ana hin argitan, yeroo gabaabaan boodatti immo na argitu. <sup>17</sup>Kanaafuu hordoftoota isaa keessaa muraasin 'Isin yeroo gabaabaaf na hin argitan, yeroo gabaabaan booda immoo na argitus sababan ani gara Abbaa deemuuf jechuu isaa maal jechuu isaati? Waliin jedhan. <sup>18</sup>Kanaafuu isaanis 'yeroo gabaabaa jechuu isaa kun maal jechuu dha? Maal jechuu isaa akka ta'e nuti hin beeknu' jedhan. <sup>19</sup>Iyyasuus akka isaanisa gaafachuu barbaadan beekee akkana jedheen 'waantin ani isin yeroo gabaabaaf ana hin argitan, yeroo gabaabaan booda immo na argitu jedhe kana maal jedhuu koo akka ta'e wal-gaafachaa jirtuu?' <sup>20</sup>Dhugaa, dhugaa isiniin jedha isin ni boochuu, ni gaddituus. <sup>21</sup>Addunya garuu ni gamada, Isin akka malee gadditu, haa ta'u garuu gaddi keessan gara gammachuutti ni jijirama. <sup>22</sup>Yammuu dubartiin tokko da'uuf ciniinsifattu waan yeroon ishii ga'eef ni dhaphatti, eega daa'ima deessee booda garuu waan gammadduuf dhiphina ishii sana hin yaadattu.

<sup>23</sup>Kanaafuu isin amma gadda qabdu ani garuu deebi'ee isini ilaala, onneen keessanis gammachuudhaan guutama. Gammachuu keessanis eenyuyyuu isin irraa hin fudhatu. <sup>24</sup>Guyyaa sana isin waanti isin na gaafattan homtuu hin jiru. Dhugaa, dhugaa isiniin jedha isin waanumma kamiyyuu maqaa kootiin yoo Abbaa gaafattan, inni isa isiniif kenna. <sup>25</sup>Isin hanga ammaatti maqaa kootiin homaa hin gaafatne, gammachuun keessan akka guutuu ta'uuf gaafadhaa ni argatu. <sup>26</sup>Ani waantoota kanneen fakkeenyaaan isinitti himeera, garuu yeroo ani deebi'ee fakkeenyaaan isinitti hin dubbane tokko ni dhufa. Kanaan booda garu waa'ee Abbaa fakkeenyaaan otoo hin ta'in ifumattin isinitti hima. <sup>27</sup>sana isin maqaa kootiin ni kadhattu anis isinif Abbaa gaafadha isinin hin jenne. <sup>28</sup>Isin waan na jaalattaniif Abbaa bira dhufuu koos waan amantaniif Abbaan ofiin isaa isin jaalata. <sup>29</sup>Ani Abbaa bira dhufeera, ammas deebise gara addunya nan dhufa. Addunya dhiseen gara Abbaa nan deema. <sup>30</sup>Hordoftootni isas 'haali, ati amma fakkeenyaaan otoo hin ta'in ifumatti dubbachaa jirta, ' akka ati waan hunda beektuufi akka eenyumtuu gaafi si hin gaafachuu hin barbaachifne nuti amma beekneerra. Kanaafuu akka ati Waaqa bira baate nut ni amanna.' jedhaniin. <sup>31</sup>deebisee 'Isin amma amantaniirtu?' yeroon ni dhufa, eyyee, yeroon isin tokko tokkoon ana kophatti na dhiftani gara mana keessaniitti faffacaatan sun ga'eera. Garuu Abbaan koo waan ana waliin jiruuf kophaa koo miti.' jedheen. <sup>32</sup>Akka isan na keessa jiraachuudhaan nagaa qabaataniif ani kanneen isinitti himeera, addunya kana keessatti rakkini qabdu, garuu jajjabaadha. Ani addunya kana moo'adheeraati!

## Chapter 17

<sup>1</sup>Iyyasuus erga waantoota kanneen jedhee booda, ija isaa gara samitti ol-kaasee akkanas jedhe 'Abbaa sa'atiin ga'eera,akkuma Ilmi si Ulfeesse Atis Ilm kee Ulfeessi. <sup>2</sup>Akkuma ati nama hunda irratti aangoo isaaf kenniteef sana, innis namoota hunda ati isaaf kenniteef jirenya barabaraa kennera. <sup>3</sup>Jirenyi barbaraas isa kana. Innis isaan si Waaqa dhugaa qaffatiifi Iyyasuus Kiristoos isa ati ergite sana beekuudha. <sup>4</sup>Ani addunyaa kana irratinsi Ulfeesseera. Hojii isa ati akkan ani hojjadhuuf naa kennitte sana raawwadheera. <sup>5</sup>Egaa yaa Abbaa amma ati Ulfinan ani otoo addunyaa hin uumamiiniin dura si biratti qabu sanaan of-biratti na ulfeessi. <sup>6</sup>Ani ummata isaan ati addunyaa irraa anatti kenniteef maqaa kee muldiseera. <sup>7</sup>Isaanis kan kee turan, atimmoo isaan natti kennite; isaanis dubbii kee eeganiiru. Isaanis waantii ati natti kennite hundumtuu akka sibiraah dhufe amma beekaniiru. <sup>8</sup>ati naa kennite, ani isaaniif kennera, isaanis fudhataniiru. Akkan ani si biraah dhufes dhugumaan beekaniiru, akka ati na ergites amananiiru. <sup>9</sup>Ani isaaniif nan kadhadha. Addunyaaadhaaf hin kadhadhu, waan kan kee ta'aniif isaan ati naa kenniteef malee. <sup>10</sup>Waantii kan koo ta'e hunduu keetii dha, kan kees kooti, anis kanaan ulfinan argadha. <sup>11</sup>Ani kanaan booda addunyaa hin jiraadhu, uumanni kun garuu addunyaa irra jiraatu, ani gara kee nan dhufa. Yaa Abbaa Qulqulluu akkuma nut tokko taane kana akkasumtti isaanis akka tokko ta'aniif maqaa kee isa ana kennite sanaan isaan eegi. <sup>12</sup>Yeroon ani isaan waliin jiruuyyu maqaa kee isa naa kennite sanaan isaan marsee eegeera, Akka dubbiin kitaaba keessatti barreefame raawwatamuuf ilma badii sana malee isaan keessa namni tokkollee hin badne. <sup>13</sup>Amma ani gara keen dhufa, garuu gammachuun koo akka isaan keessatti guutuu ta'uuf waantoota kana addunyaa keessattin dubbadha. <sup>14</sup>Ani dubbii kee isaaniif kennera, akkuman ani kan addunyaa hin taane isaanis kan addunyaa waan hin taaneef addunyaaan isaan jibben. <sup>15</sup>Ani akka ati isaan isa hamaa sana irraa isaan eegduuf malee akka ati addunyaa keessa isaan baastuf si hin gaafadhu. <sup>16</sup>Akkuma ani kan addunyaa hin taane akkasuma isaanis kan addunyaaatti miti. <sup>17</sup>Dhugaadhaan isaan qulqullessi, dubbiin kee dhugaa dha. <sup>18</sup>Akkuma ati gara addunyaaatti na ergiitettin anis gara addunyaaatti isaan erga. <sup>19</sup>Isaaniif jechan ani ofi qulqulleessa. Kanaafuu akkanumattin isaanis dhugaadhaan ofqulqulleessu. <sup>20</sup>Ani isaan kana qofaaf si hin kadhaadhu, warra isaan dubbii isaaniitiin nat amananiifis maleen. <sup>21</sup>yaa Abbaa, akkuma ati ana keessa jirtu, fi anis si keessa jiru, akkasuma isaanis nu keessa haa ta'an, tokko haa taa'anis. Kunis ati na erguu kee addunyaaan ni amanu. <sup>22</sup>Akkum nuti tokko taane isaanis akka tokko ta'aniif ulfina ati anaaf kennite sana anis isaaniif kenneera. <sup>23</sup>Ani isaan keessa, atis na keessa, kunis akka isaan gara tokkummaa guutuuttii fiduufi kunis akka ati na ergiteefi na jaalatta akka isaanis jaalatte akka addunyaaan beekuuf. <sup>24</sup>Yaa Abbaa akka isaan ati naaf kennite kun bakkan ani jiru ana waliin akka jiraataniifi akka isaan ulfina koo isa ati otoo addunyaaan hin uumamii in dura sababa na jaalatteef naa kennitte akka argan nan barbaada. <sup>25</sup>Yaa Abbaa isa qajeelaa, addunyaaas si hin beeku, ani garuu si beeka, isaan kunis akka ati na ergite ni beeku. . <sup>26</sup>Jaalalli ati ittin na jaalatte isaan keessa akka jiraatuuf anis isaan keesa akkan jiraadhu, maqaan kees isaan biratti akka beekamu godheera, akka beekamuus nan godha.

## Chapter 18

<sup>1</sup>Iyyasuus erga kana dubbatee booda, hordoftoota isaa waliin ka'ee gara bira a gama Qeedaaritti bakka ashaakiltii ture tokkootti ce'enii innifi hordoftootni isaa achii keessa seenan. <sup>2</sup>Amma Yihuudaan, inni dabarsee isa kennuuf jedhuus immoo bekka Iyyasuus yeroo baay'ee hordoftoota isaa waliin walqunnamuu tana ni beeka ture.

<sup>3</sup>Kanaafu Yihuudaan garee loltootaa, qondaaltoota lubootaa keessa murasa fu Faisoota bira a deemee isaan dura bu'uun isaanis xamboora, faanosii fi meeshaa lolaa qabachu dhufan.<sup>4</sup>inni waan isarra ga'uuf jiru hunda beekeet, gadi ba'ee 'isin eenu barbaadu? jedhee isaan gaafate. <sup>5</sup>Isaanis 'Iyyasuus nama Naazireet' jedhanii deebisaniif. Iyyasuusis 'Ana dha 'jedheen. <sup>6</sup>Yihuudaan, inni isa dabarsee kenes loltoota waliin dhaabata ture. Yammu Iyyasuus 'Ana dha' isaaniin jedhu, dugda-dubbatti lafatti kufan.<sup>7</sup>Ammas deebisee 'Eenyuu dha barbaadu?' isaan gaafate. <sup>8</sup>Deebisaniif isaanis 'Iyyasuus nama Naazireet' jedhanii. <sup>9</sup>Iyyasuusis 'Inni Ana dha isiniin jedheera, kanaafuu isin erga ana barbaaddanii isaan kan dhiisaa haa deemanii' jedhee deebiseef. <sup>10</sup>Kunis akka dubbin inni 'isaan Ati naa keniite keessa tokkollee hin gatne' jedhee dubbata suun akka raawwataamuuf ture.<sup>11</sup>Pheexiroos, inni guraadee qabatee ture, guraadee isaa luqqifatee garbicha (hojjata)lubba ol-aanaa kan ta'erra gurra isaa isa mirgaa dha'uun irraa kute; maqaan garbichichaa (hojjatichaa) Maalkoos ture. <sup>12</sup>Iyyasuusis Pheexiroosiin "guraadee kee deebifadhu, ani xuwwaa isa Abbaan anaaf kenne dhuguu hin qabuu' jedheen.<sup>13</sup>Gareen loltootaa ajajootafi qondaaltootni Yihuudootaa Iyyasuus qabuun hidhan. <sup>14</sup>duraan dursanii gara Haannaa isa amaatiif Qayyaffaa isa luba ol-aanaa bara sanaa ta'etti isa geessan. <sup>15</sup>Qayyaaffan, nama isa Yihuudootaan 'namni tokko ummata hundaaf du'u wayya'j jedhee goraa kenneedha<sup>16</sup>Simi'oone Pheexiroosis Iyyasuus hordofe, hordoftoota keessayisbinni tokkos ni horrdofe, hordofaan sunis waan luba ol-aanaa biratti beekamaa tureef. Innis Iyyasuus waliin gara dalla bakka murii lubba ol-aanaa keessa seene. <sup>17</sup>Pheexiroos garuu ala balbala irra dhaabachaa ture. Hordifaan luba ol-aanaa sana garuu sana biratti beekamaa ture sunis gad-ba'ee balbala eegduutti himee Pheexiroosii gara keessatti fide. ho'ifata ture. <sup>18</sup>Dubartiin, ishiin balbal aeegdu sunis Pheexiroosin 'ati hordofaa nama kanaa keessa isa tokko dha miti?' jette. Innis deebisee 'ani isa miti' jedheen. <sup>19</sup>Yeroon isaa yeroo qorraa waan tureef garboonni (hojjatootni) fi qondaaltootni ibida (cilee) qabsisanii dhabbatanii ho'ifatu turan, Pheexiroosis isaan waliin dhabbatee ho'ifata ture. <sup>20</sup>Yammuu sanas lubni ol-aanaan waa'ee hordoftootaa fi waa'ee baruumsa isaa Iyyasuus gaafate. <sup>21</sup>Iyyasuusis akkana jedheen deebiseef 'ani ifatti baasee addunyatti dubbadeera, bakka Ayyihuudootni hundi walitti qabamanitti, mana sagadaattifi mana qulqullummaa keessaatti yeroo hunda barsiisaan ture, ani waantin dhooksaatti dubbade tokkollee hin jiru. <sup>22</sup>Ati maalif ana gaafatta? Warreen waanin ani isaaniin jedhe dhaga'an gaafadhuu, isaan waanin ani jedhe ni beeku.<sup>23</sup>ammuu Iyyasuus kana jedhu qondaaltoota achi dhaabatan keessa tokko 'luba ol-aanaa dhaaf akkanatti deebiftaa' jedhee isa kabalee. <sup>24</sup>Iyyasuusis 'yoo dhan ani dogorgora dabbadhee jiraadhee dogorgora sanaa dhugaa ba'i, jedhee isaaf deebise. <sup>25</sup>Haannaanis akkana Iyyasuus hidhamee jirutti gara luba ol-aanaa, gara Qayyaaffaatti isa erge. <sup>26</sup>Simi'oone Pheexiroos otoo dhaabatee ibida hoo'ifachaa jiruu 'atis hordofaa nama kanaa keessa isa tokkodhaa?' jedhanii. Innis 'ani miti' jedheen gane. <sup>27</sup>(hojatoota) luba ol-aanaa keessa firri namicha isa Pheexiroos gurra isaa irraa kute sanaa tokko, 'ani bakka ashaakiltiitisa waliin si hin argine? jechuun gaafate. <sup>28</sup> ammas ni gane; yeroodhuma sanas kormaan lukku (handanqoo) iyyee. <sup>29</sup>Yihuudonnis mana Qayyaaffaatti Iyyasuus fuudhanii gara biroo ol-aanaa bulchaa mootummaa warra Roomaatti geessan, yeroon isaas ganama barii ture. Yihuudotnis akka hin xuroofneef jedhanii gara biroo ol-aanaa bulchiinsa mootumaatti ol-hin seenne. Kunis akka Faasigaan nyaachuu danda'aniifi. <sup>30</sup>Kanaaf Philaaxoos gara isaanitti gadi ba'ee, 'himanni isin nama kana irratti dhiyeessitan maal dha? jedhee gaafate. <sup>31</sup>Isaanis 'otoo namni kun yakka hojjachuu baatee nut isa dabarsinee sitti hin kennini ture' jedhanii deebisaniif. <sup>32</sup>Philaaxoosis, 'isin ofuma keessanii isa fuudhaatti akka seera keessaniitti itti murteessaa' jedheen. Yihuudotnis 'nama tokolleee aijesuun nuuf hin eyyamamu' jedhanii. <sup>33</sup>Kunis waantii Iyyasuus du'a akkamiitiin akka du'u agarsiisuuif jedhee dubbate sun akka raawwataamuuf ta'e. <sup>34</sup>Philaaxoosis deebi'ee gara biroo ol-aanaa bulchiinsa mootummaa seenee, Iyyasuus ofitti gaafate. <sup>35</sup>Iyyasuusis 'kun yaaduma keeti moo, namoota biraatuu waa'ee koo sitti hime?' jedhee gaafate. <sup>36</sup>Philaaxoosis deebisee 'natuu Yihuudii dhaa ree?' kan dabarsee natti si kenne sabuma keetiifi luboota angaafoota, ati garuu maal balleesitee?' jedheen. <sup>37</sup>Iyyasuusis mootummaan koo kan addunyaa kanaatii miti, otoo kan addunyaa kanaa ta'ee akkanatti dabrfamee Yihuudotatti hin kennamneef maleektonni koo naa lolu turan, amma garuunmootummaan koo kan addunyaa kanaatii miti' jedheen. <sup>38</sup>Philaaxosis 'yoos ati Mootii dha kaa!' jedheen. Iyyasuusis immoo 'akkan ani mootii ta'e ati dubbachuun kee sirri dha; ani dhugaaf rageessuuif jedheen dhaladhe, sababniin ani gara addunyaa kana dhufefis kanaa dha, namni dhugaaf dhaabatu hundumtuu sagalee koo dhaga'a' jedhee deebiseef. <sup>39</sup>Philaaxosis 'dhugaan maali dha inni?' jedheen. Inis erga kana dubbatee booddee ammas Yihuudotatti gadi ba'ee akkana isaaniin jedheen 'Ani ballessaa tokkollee isa irrati hin arginne. <sup>40</sup>Garu isin akkan ani yeroo Faasigaatti nama tokko

mana hidhatii isinii gad-lahiisu aadaa godhattaniirtu. Kanaaf akkan ani 'Mootii Yihuudotaa isinii gad-dhiisuu barbaadduu?' <sup>40</sup>Isaanis Iyyudhaan 'lakki, Barbaan malee isaadhaa miti' jedhan. Barbaanis saamtuu ture.

## Chapter 19

<sup>1</sup>Philaaxiosis Iyyasuusiin ofitti fudhatee garfsiise, <sup>2</sup>loltootnis gonfoo qoraattii Miciiranii mataa isaa irra kaa'an. Isaanis uffata huccuu diima (dhilgee) isatti uffisanii. <sup>3</sup>Akkami yaa Mootii Yuhuudaotaa' jechaa gara isatti dedeebi'aa turan isas ni kabalan. <sup>4</sup>Philaaxoos immoo gadi ba'e, Yihuudotaan 'akka ani balleessa tokkollee isa irratti hin argine akka beektaniif kunoo ani isa gadiin isinii baasa'jedheen. <sup>5</sup>Iyyasuusis gonfoo qoraattii keewwatee, uffata (huccuu) diimaa (dhiilqee)uffatee gadi ba'ee, Philaaxoosis, 'namichi kunooti!' isaaniin jedhe. <sup>6</sup>Luboонни hangafootni fi qondaaltotni yammuu isa argan 'fannisaa! fannisaa! jechuun iyyan. Philaaxoosis immoo deebisee, 'isin ofuma keessanii fuudhaatii isa fannisa malee ani balleessaa tokkollee isa irratti hin argine' jedheen. <sup>7</sup>Yihuudonnis deebisanii 'nu seera qabna namni kun waan Ilma Waaqayyoo of godheef akka seera keenyaatti du'uu qaba' jedhaniin. <sup>8</sup>Philaaxoosis 'yammuu dubbii kana dhaga'uu irra caala sodate. <sup>9</sup>Innis biroo ol-aanaa bulchiinsa mootummaatti ol deebi'ee 'ati eessaa dhuftee?' jedheen Iyyasuus gaafate. Iyyasuus garu deebii tokkollee hin kennineef. <sup>10</sup>Philaaxoosis, 'maaliif caldhifta ani si fannisuudhaaf aangoo qaba ati hin beektuu?' jedheen. <sup>11</sup>Iyyasuusis 'ati otoo olirraa sii kennamuu baatee aangoo tokkollee ana irratti hin qabdu ture, kanaaf inni dabarsee sitti na kenne sun irra caalatti cubbuu qaba' jedhee deebiseef. <sup>12</sup>Philaaxoosis yeroo sanaa jalqabee Iyyasuus gad-dhiisuu barbaada ture; Yihuudonni garu 'ati yoo nama kana kad-dhiifte jaalallee (michuu) Qeessariiti miti namni mootii of-godhu hundi inni Qeessariin morma' jedhuun iyyan. <sup>13</sup>Philaaxoosiis yammuu dubbi 'paavament 'dhagaa buufamaa)' kan afaan Armaayikootaatiin 'gabataa' jedhamutti barcuuma murtii irra taa'e. <sup>14</sup>Guyyaan sunii guyyaa qophii torban faasigaa ture yeroon sunis naannoo sa'aatii ja'aa ture. Philaaxoosiis yihuudotaan 'mootiin keessan kunnootti'jedheen. <sup>15</sup>Garuu isaan moo 'dhabamsiis! dhabamsiis! isa fannisi! jechuun iyyan. Philaaxoosis 'mooti keessan haa fannisu ree?' jedhee gaafate. Luboонни hangafoonnis 'nuti Qeesaar malee mootii biraa hin qabnu' jedhanii deebisanii. <sup>16</sup>Kanaaf Philaaxoos akka inni fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne. <sup>17</sup>Isaanis Iyyasuus fuudhan, inni fannoo ofii isaa baadhatee bakka 'buqee mata afaan Armaayikootaatiin 'Golgoottaa' jedhamuttu, ol-bahe. <sup>18</sup>Isaanis achitti Iyyasuus fannisuuf, isa waliin namoota biroo lama bitaa fi mirgaan Iyyasuus walakaa isaanitti fannisan. <sup>19</sup>Philaaxoosis barreeffama "IYYASUUS NAMA NAZIREET MOOTII YIHUUDOOTAA" jedhee barreesee fannoo irratti maxxanse. <sup>20</sup>Bakka Iyyasuus itti fannifame magaalaatti waan dhiyio tureef Yihuudotni baay'ee ta'an barreeffama sana dubbisanii jiru, barreeffamichiis afaan Armaayikii, Laatiini fi Giriikiitiin barreeffame ture. <sup>21</sup>hangafonnis 'inni mootii Yihuudootaati' jettee hin barreessin 'jedhaniin' <sup>22</sup>Philaaxoosis 'ani waaniin barreessa, bareesseera' jedhee deebiseef. <sup>23</sup>Erga loltootni Iyyasuus fannisanii booda uffata (huccuu) isaa bakka afuritti tarasaasudhaan bakka afuritti qoodanii tokko tokko hiraatan, kittaa isaas akkasuma godhan. Kitaan sunis kan hin hodhamne olii irraa hanga jalaatti tokko ture. <sup>24</sup>Akkasumas isaan 'Hin taraaafnuij, koottaa akka kan eenyuu ta'u carraa buufnee haa ilaallu malee' waliin jedhan. Kunis dubbiin kitaabaa kan, "Isaan uffata (huccuu) koo ofuma isaanitii hiratan Carraas itti buufatan" jedhe <sup>25</sup>Fannoo Iyyasuus bira haatii, isaa indootoon (obboleettiin haadha isaa) Maariyaam haati manaa Qaliyophaa fi Maariyaam Magdalaa dhaabatanii turan. <sup>26</sup>Iyyasuusis yammuu haadha isaafi hordofaa isa inni jaalatu sun otoo haadha isaa bukkee (cinaa) dhaabachaa jiru ilaaleti haadhaan 'yaa dubartii; kunoo ilmi kee' jedhe. <sup>27</sup>Hordofaa sanaanis 'kunoo haadha kee' jedhe hordofichis yeroo sanarraa kaasee gara mana isaatti ishii fudhate. <sup>28</sup>Kanaan booddee Iyyasuus akka waanti hundumtuu raawwate beekee dubbiin kitaabaa akkraawwatamuuf "dheebodhe" jedhe. <sup>29</sup>daadhii dhangaggaa'aadhan guutame tokko achi dhabate ture, isaanis daadhii sana keessa Ispoonjii cuuphanii fiixee ispoonjiitiin gara afaan isaatti qaban. <sup>30</sup>Iyyasuusi erga dhugaati dhangaggaa'a sana fudhateen booda raawwate' jedhe. mataa isaa ga- labsee lubbuu isaa kenne. <sup>31</sup>Guyyaan sun sababa guyyaa qophii ta'eefi kanaafuu imoo guyyaa sanbataa Iyyasuus reenfa isaa fannoo irraa buusuun hi danda'amneef (sanbatni sun aadatti barbaachisaa ture.) Warri Yihuudotaa akka milli isaanii caccabee fannoo irraa gad-buufamuuf Philaaxiosin gaafatan. <sup>32</sup>Kanaafuu looltootni deemanii mila nawa isa jalqaabaa fi miila nawa isa kaanis ka isa waliin fanniifaman cacabsan. <sup>33</sup>Yammuu garanIyyasuus dhufan garuu inni du'ee waan arganiif miila isaa hin cabsine. <sup>34</sup>Loltoota sana keesaa inni tokko eeboo dhaan cinaacha isaa waraane yeroodhuma sana dhigni fi bishaan ba'e. <sup>35</sup>Namni inni waan kana arges dhugaa ba'eera, dhugaa ba'insi isaa dhugaadha, innis akka dhugaa dubbatni beeja, inni bakka isin amantaniif dhugaa ba'a. <sup>36</sup>Kunis akka waantii kitaaba keessatti 'lafee isaa keessaa tokkolleen hin cabu' jedhame sun akka raawwatamuuf ta'e. <sup>37</sup>Kana malees, kitaabni bakka biraatti 'isaan isa waraanan sun ni argu' jedha. <sup>38</sup>Kana boodas Yooseef namni Armaatiyya (inni sababa Yihuudota sodaateef dhoksaan hordofaa Iyyasuus ture sun) reenfa isaa akka fudhatuuf Philaaxoos gaafate Philaaxoosis eyyamnaaniif deemee fudhate. <sup>39</sup>Niqoodimoos inni kanaan dura halkaniin gara Iyyasuus dhufee tures wal-makaa karbee (qumbii) fi hadhaa (argeessa) gara kiloo graami soddomii afurii ta'u fudhatee dhufe <sup>40</sup>Isaanis reenfa Iyyasuus fudhanii akka aadaa awwaalcha Yihuudotaatti urgooftuu waliin huccuu quncee talbaa irraa

hojjatameen (Naayilanii kafanan.<sup>41</sup>Bakka Iyyasuus itti fannifame, lafa ahhakiltii ture sana keessas bakka awwaalaa haarawaa kan namni tokkollee kanaan dura itti hin gaatamnetuu ture. <sup>42</sup>Sababii guyyaan sun guyyaa qophii yihuuditaa tureef, bakki awwaalichaas dhiyoo waan tereef Iyyasuus achi keessa kaa'an.

## Chapter 20

<sup>1</sup>jalqaba torbanii ganama bariidhaan duukkana otoo jiru, Maariyaam ishiin Magdalaa bakka awwaalaa deemtee akka dhagaan awwaalicha irraa fuudhame argite? <sup>2</sup>fiigdaa gara Simi'oon Pheexiroosii fi hordofaa isa Iyyasuus jaaltuuyyu sanaa deemtee 'Gooftaan keessaa fudhataniiru eessa akka isa kaa'anis hin beeknu' jetten. <sup>3</sup>Kanaafuu Pheexiroosii fi hordofaan inni kaan ba'ani gara awwaalichaabdeeman. <sup>4</sup>Isaan lachuu ni figu turan, hordofaan inni kaan garuu Pheexiroos bira fiiguudhaan dursee darbee bakka awwaalaa ga'e. <sup>5</sup>Inni gadi jedhee ilaaluun uffata (huccuu) quncee talbaa irraa hojjatame laffatti arge malee awwaalicha keessa hin buune. <sup>6</sup>Simi'oon Pheexiroos garu isa dhuubaan dhufeebawwalicha keessa seenuun uffata (huccuu) quncee talbaa irraa hojjatame sana lafatti arge. <sup>7</sup>Akkasumas uffatni (huccuun)bfuula Iyyasuusittu haguugamee ture arge uffatni (huccuu)bsunis kophaadhumatti maramaramee bakka biraa ture malee uffata (huccuu) quncee talbaa irraa hojjatame sana bira hin turre. <sup>8</sup>Isaan booda hordofaan biraa inni jalqabatti awwaalicha bira ga'e sun keessa seene argee amane. <sup>9</sup>Isaanis waan kitaabni akka Iyyasuus jidduu wara du'anii keessaa akka ta'u dubbatu sana ammayyuu hin hubanne turan. <sup>10</sup>Hordifootnj sunis gara mana ofiitti deebi'an. <sup>11</sup>immoo garuu awwaala bira gara alaa dhaabatee boo'aa turte, otuma boochuus gadi jettee awwalicha keessa ilaalte. <sup>12</sup>Ishinis Malaakota Waaqaa lama uffata (huccuu) adii uffatan bakka reefi Iyyasuus kaa'amme ture sana inni tokko karaa mataarraan, inni biroo immo miila jalaan taa'anii argite. <sup>13</sup>Isaanis 'yaa dubartii maaliif boocha' jedhaniin. Ishiniis immoo 'Gooftaa koo fudhatanii jiru, eessa akka isa kaa'anis hin beeku' jetteen. <sup>14</sup>Otuma waan kana dubbattuu of-duuba gargalte Iyyasuus achi dhaabatee argitee, garuuIyyasuus ta'uu isaa hin beekne. <sup>15</sup>Iyyasuusis 'yaa dubartii maaliif boocha? Eenyuu barbaadda? jedheen. Ishiniis nama bakka ashaakiltii keessaa hojjatu isa seetee ('yaa gooftaa ati yoo isa fuutee jiraatte akkan ani deemee fudhadhuuf eessa akka isa keesse natti himi' jetteen.) <sup>16</sup>Iyyasuusis 'Maariyaam!' jedheen. <sup>17</sup>Iyyasuus "ani ammaliee sababan gara Abbaatti ol-hin baaneef ana hin xuqiin, garu obbolewwan koo bira deemii 'ani gara Abbaa kootiifi Abbaa keessaniittii, gara Waaqa kootiifi Waaqa keessaniittin ol-ba'a' jedheera jedhiitti isaanitti himi" jedheen. Ishiniis gara isaatti gatgaltee afaan Armaayikiitiin 'Rabbuunii! jetteen. Hiiknii isaas 'Barsiisa' jechuu dha. <sup>18</sup>Maariyaam ishiin Magdalaa gara hordoftootaa deemtee 'ani Gooftaa argeera' jetteen ;waan inni ishiidhaan jedhee hunda isaanitti himte. <sup>19</sup>jalqabaa torbanii sana halkan otoo Ayihudoota waan sodaataniif balbala cufatanii walitti qabamanii jiranuu Iyyasuus dhufee Isaan walkaa dhaabatee 'nageenyi isiniif haa ta'u' jedheen. <sup>20</sup>Innin erga kana jedhee booda harkaa fi cinaacha isaa isaanitti argisiise. Hordoftootnis yammuu. Gooftaa argan baay'ee baay'ee gamadan. <sup>21</sup>Iyyasuus ammas deebisee 'nagaan isiniif haa ta'u,akkuma Abbaan koo na erge sanattii anis isin erga' jedheen. <sup>22</sup>waan kana jedheet, hafuura isaanitti baafatee,akkana isaaniin jedhe. Hafuura Qulqullu fudhadhaa. <sup>23</sup>Cubbuu enyumaatuu yoo dhiiftan, isaanii ni dhiifama, cubbuu enyumaatuu yo isiin hin dhiifneef, isaanii hin dhifamun. <sup>24</sup>Toomaas inni Didiimoos jedhamee waamamu, kudha lamaan keessa tokko kan ta'e, yeroo Iyyasuus dhufeyyu sana isaan waliin hin jiru ture. <sup>25</sup>Hordofaan inni biroos achiis 'Nuri Gooftaa arginee jira'. Innis isaaniin 'amman madaa harka isaa isa mismaaraan waraaname argee, quba koos madaa mismaaraan waraaname keessa kaa'uutti hin amanu' jedheen <sup>26</sup>Guyyoota saddeettin booda hordoftootni isaa deebi'an keessa turan, Toomaasis isaan waliin ture, Iyyasuus balballi cufaa otoo ta'e jiruu seenee walkaa isaanii dhaabatee 'nagaan isiniif haa ta'u' jedhe. <sup>27</sup>Tomaasiinis 'quba keefidii harkoo koo ilaali harka kees asifidii cinaacha koo keessa gulchii kan amantee malee kan hin ammanne hin ta'iin' jedheen <sup>28</sup>Tomaasis 'Gooftaa koo fi Waaqa koo' jedhee isaaaf deebise <sup>29</sup>Iyyasuus 'Ati sababa na argiteef amante, otoo hin argiin isaan amanan garuu ka eebbiffamanii.' usaani jedhe. <sup>30</sup>Iyyasuus bakka hordoftootni jiranitti mallattoolee biroo baay'ee, mallattota kan kitaaba keessatti hin barreeffamne hojjate. <sup>31</sup>kun garuu akka isin Iyyasuus inni Kiristoos, Ilma Waaqayyootti jettanii akka amantaniifi maqaa isaatin akka jirenya qabaataniif isiniif barraa'ee.

## Chapter 21

<sup>1</sup>Wantoota kanaan booda Iyyasuus ammas galaana Xibriiyaadoos biratti hordoftoota isaatti muldhate, haalli inni itti of-muldhises akkana ture. <sup>2</sup>Pheexiroos, Toomaas inni Didiimoos jedhamu, Naatinaa'eel inni nama Qaana Galiilaa, ijooleen Zabdiyoosittti fi hordoftootni biroi lama wal-bira turan. <sup>3</sup>Pheexiroosis 'ani qurxummi kiyyesuufin deema' isaaniin jedhe, isaanis 'nutis si waliin deemna' jedhaniin. Isaanis deemanii bidiruu keessa seenan halkan guutuu homa hin qabne.<sup>4</sup>ganama baariidhaan Iyyasuus galaana qarqara dhaabate ture garuu hordoftootni isaa inni Iyyasuus ta'uun isaa hin beekne ture. <sup>5</sup>Iyaasusus 'Ijjollee waan nyaatamu wayii qabduu? isaanin jedhe. Isaanis 'hin qabnu' jedhanii deebisan. <sup>6</sup>Innis 'kaachoo keessan bidiruudhaa gara mirgaatti gad-dabaadhaatiin ni argattuu' jedheen. Kanaafuu isaanis kaachii isaanii gad-darbatanii sababa baayiina qurxummiif kaachoo sana keessatti harkisuu dadhaban.<sup>7</sup>Hordofaan inni Iyyasuus jaalatuuyyu sun 'Inni Gooftaa dha' jedhee Pheexiroosittti hime, Simi'oone Pheexiroosis immo 'Inni Gooftaa dha' jechuu isaa dhaga'ee (qullaa isaa waan tureef), uffata (huccuu) isaa marxfatee galaanatti gad-utaale. <sup>8</sup>Hordoftootni isaan kaanis gara bidruutti dhufan (isaanis lafa qarara galaana irraa baay'ee fagoo hin turre, fageenyii isas gara ciqilee dhibba lamaati), isaanis kaachoo qurxummii dhaan guutame sana harkisan, <sup>9</sup>yammuu gara lafaatti ba'an ibidda cilee kan qurxummiin biddeena waliin irra jiru argani<sup>10</sup>Iyyasuusis 'qurxummii amma qabdan irraa mee muraasa irraa fidaa' isaaniin jedhe. <sup>11</sup>Simi'oone Pheexiroos bidiruu sana irra ba'ee kaachoo keessa qurxummi gurgudaa 153 guutame sana gara lafaattu harkise, kaachoo sunis qurxummii akkasitti baay'atanin guutamulle hin tarsaane. <sup>12</sup>Iyyasuusis 'kootaati, cireebnyaadha'isaaniin jedhe. <sup>13</sup>Iyyasuusis biddeena sana fudhee isaaniif kenne, qurxummis immoo akkasuma godhe. <sup>14</sup>Kunis erga Iyyasuus du'a ka'e kana waliin yeroo sadaffaadhaafi kan hordoftoota isaatti of muldhise. <sup>15</sup>Iyyasuusis erga ciree nyaatanii booda Simi'oone Pheexiroosiin; "Yaa Simi'oone Ilma Yoonaa atti isaan kana caala na jaalataa? jedheen Innis 'eeyee, yaa Gooftaa akkan si jaaladhu atu ni beekta' jedheen Iyyasuus "Ilmaallan koo bobbaas" jedheen <sup>16</sup>amas " yaa Simi'oone Ilma Yoonaa na jaalattaa? jedheen Innis deebisee 'eeyee, yaa Gooftaa, akkan si jaaladhu atuu ni beekta' jedheen Iyyasuus immoo "hoolota (Korbeeyii fi Goromii) na eegi" jedheen<sup>17</sup>Yeroo sadaffaadhaaf "yaa Simi'oone Ilma Yoonaa na jaalattaa?" jedheen. Pheexiroosis sababa Iyyasuus yeroo sdaffadhaaf na jaalattaa? jechuun isa gaafateef gaddee 'Gooftaa ati waan hundaa beekta' jedheen Iyyasuusis akkana jedheen "hoolota koo bobbaas"<sup>18</sup>Ani dhugaan siin jedhaa yeroo ati dagaggeessa turtetti ofuma keetiin mundhii kee hidhattaa, yeroo duloomtu garuu, harka kee dirirfata, namni biroos mindhii kee hidhee gara atii hin barbaadne si geessa.<sup>19</sup>Iyyasuus akka Pheexiroos du'a akkamitiin Waaqayyoo ulfeessu agarsiisuuf waan kana dubbate, kana booddees, "ana duukaa bu'i" jedheen.<sup>20</sup>Pheexiroosis garagalee otoo hordofaan inni Iyyasuus jaalatu suun isaan duukaa bu'u arge, hordofaan kunis isa yeroo irbaataatti laphee Iyyasuusis maxxanee 'yaa Gooftaa, iinni dabarsee si kenu eenyuu dha? 'jedhee sanaa dha. <sup>21</sup>Pheexiroosis yammuu isa argub'ya Gooftaa namni kun hoo? jedheen Iyyasuus gaafate. <sup>22</sup>Iyyasuusis deebisee "hanga ani dhufutti akka inni jiraatuu yoo feedhii koo ta'e maaltuu si dhibe 'Ati na duukaa bu'i" jedheen. <sup>23</sup>Kanaaf yaadni 'hordofaan kun hin du'u' jedhu obboleewwan jidduutti oddefame, Iyyasuus garuu Pheexiroosin, hanga ani dhufutti akka inni jiraatuu yoo feedhii koo t'e maaltuu si dhibee?" jedhe malee inni hin du'u hin jenne. <sup>24</sup>Hordofaan kun hordofaa isa waa'ee wantoota kanaa dhugaa ba'ee fi isa waantoota kan barreesse dha, nutis dhuga ba'iinsa isaa dhugaa ta'uun ni beekna. <sup>25</sup>Akkasumas Iyyusuus waantoota biraa baay'ee hojateera. Otoo waantootni kun hundu isaanii tokko tokkoon barreffamanii addunyaan ofi ishiitiin akka kitaabbataa barreffamanii waan geessu nattu hin fakkaatu.

## Acts

## Chapter 1

<sup>1</sup>Yaa Tewofilos kitaaba koo isa kanaan duraa keessatti waan Iyyasuus hojjachuuf barsiisu jalqabe hunda si barreesera. <sup>2</sup>Kunis amma gaafa guuyyaa ol fudhatamuutti ergamotoa isaa warra filatee karaa Hafuura qulqullutiin isaan ajajee dha. <sup>3</sup>Iyyasuus dhiphina isaatiin booda jiraata akka ta'e ragaalee qabatama qabaniin irra deddeebi'e isaanitti of muldhisuun guyyoota afurtamaaf akka isa argan gochuun waa'ee mootummaa Waaqayyoo isaanitti dubbate.<sup>4</sup>Otoo isaan waliin jiru "abdii Abbaan koo isiniif kenne, waa'ee isa inni 'isin na irraa dhageesu' isiniin jedhe sana eegaa malee Iyyaruusaaleemii hin ba'inaa jedhee isaan ajajee.' <sup>5</sup>Yohaannis bishaaniin cuuphaa ture, isin garuu guyyoota muraasaan booddee Hafuura Qulqullutiin cuuphamantu.<sup>6</sup>Isaanis

yammuu walitti qabaman "yaa Gooftaa yeroo kanatti Israa'eeliif mootummaa ni deebiftaafii?" jechuun isa gaafatan.<sup>7</sup> Innis akkana isaanii jedhe "sa'atii yookiin yeroo Abbaan aangoo isaatiin murteesesse beekuun isiniif hin kennamne.<sup>8</sup> Garu yeroo Hafuurri Qulqulluun isin irratti bu'u humna ni fudhatu, Iyyarusaaleemittis, Yihuudaa hundatiifi Samaariyaa, hanga handaara (qarqara) lafaattis dhugaa baatota koo taatu."<sup>9</sup> Yemmuu Gooftaan Iyyasuus waantoota kanneen dubbatu otuma isaan ilaalaajiranu ol fudhatamee duumesis ija isaanii irraa isa dhokse.<sup>10</sup> Otuma isaan xiyyeffannoon yeroo inni olka'u gara samii ol ilaalaajiranu battalumatti namootni uffata adii uffatan lama bukkee (cinaa) isaanii dhaabatan.<sup>11</sup> Isaaniis 'Tsiin yaa namoota Galiilaa gara samii ol ilaalaajiranu maliif as dhaabattan? Iyyasuus inni isin biraajara samitti ol bahaa jiru kun, akkuma otoo ilaatalanuu ol ka'e kana akkuma kana deebi'ee dhufa" jedhaniin.<sup>12</sup> Isaanis tulluu Ejersaa jedhamuu irraa gara Iyyarusaaleemittii deebi'an Gaarii kunis Iyyarusaaleemirraa adeemsaa guyyaa sanbaataa fudhata.<sup>13</sup> Isaaniis yemuu Iyyarusaaleemitti gahan gara mana isa kanaan dura turanii kutaa olii (fooqii)tti dhufan. Isaanis Pheexiroos, Yohaannis, Yaa'iqoob, Indiriyaas, Filiphooos, Tomaas, Baaxelemiyooos, Maatiyoos, Yaa'iqoob ilma Ilfiyoos, sim'ioonisa inaafichaa fi Yihuudaa ilma Yaa'iqoob turan.<sup>14</sup> Isaan hundinuu dubartootnii fi Maariyaam haatii Iyyasuusi fi obbollaa isaa waliin kaayyoo tokkoon kadhatatti cimaan turan.<sup>15</sup> Guyyoutuma sana Pheexiroos jidduu obboloota 120 ta'anii dhaabachuun akkana jedhe, ,<sup>16</sup>"yaa obboloota akka dubbiin kitaaba inni Hafuurii Qulqulluun yeroo dheeraan dura karaa Daawiitiin waa'ee Yihuudaa isa Iyyasuus dabarsee kennee dubbata raawwatamuu qabuuf,<sup>17</sup> Innis nu keessaa tokko ta'uun tajaajila kana fudhachuun<sup>18</sup> (Amma namni kuni gatii hammeenyisaatiif argatee sanaan lafa bitee irratti addaan lafa dhahuun qaamni isaa dhuun mardhimaan gara lafatti jige).<sup>19</sup> Kunis warra Iyyarusaaleem keessa jiraatan hunda biratti waa'een kun dhagahame. Kanaafuu affan isaaniitiin lafa sanaan 'Akeeldaamaa', hiikni isaa 'lafa dhigaa' jechuu dha.<sup>20</sup> Akkuma kitaaba Faarfannaa keessatti barreeffametti<sup>21</sup> Kanaafuu warrii yeroo Gooftaan Iyyasuus walakkaa keenyatti bahuufi galuu sana hunda nu waliin turan keessaa nama tokko filachuun barbaachisaa dha.<sup>22</sup> Kunis yeroo cuphaa Yohaannis irraa jalqabee hanga gaafa guyyaa Iyyasuus nu biraa ol ka'uutti nu wajjiin ture ta'uun qaba." Namoota kana keessaa tokko nu waliin waa'ee du'aa ka'uun Iyyasuus dhugaa bahaa ta'u qaba.<sup>23</sup> Namoota lama isaanis Yooseef isa Barsiyaan akkasuma Iyoosxos jedhamuu fi Maatiyaas fuldura isaanii dhaaban.<sup>24</sup> Isaanis akkana jedhanii kadhatan "yaa Gooftaa isa onnee nama hundaa beektuu namoota lamaan kana keessa eenyu akka ta'e nutti muldhisi<sup>25</sup> kunis bakka Yihuudaa isa tajaajila fi iddo isaa gad lakkisa bakka ofii isaatii filate garagaleetti filadhuu.<sup>26</sup> Isaaniis carraa buusan carraan sunis Maatiyaasif bahe. Innis ergamoota kudha tokkoo waliin lakkaa'ame.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Gaaf guyyaa Pheenxeeqosxee ga'ee, hundii isaanituu bakka tokkotti walitti qabamanii turan. <sup>2</sup>Battalumatti sagaleen akka bubbee cimaa ta'ee samii irraa dhufee manaa isaan keessa jiranii hunda guute. <sup>3</sup>Kan akka arraba ibidaa fakkaatuus isaanitti muldhachuun gargar qoqoodamuu tokko tokkoo isaanirraa qubate. <sup>4</sup>Hundi isaanis Hafuura Qulqulluun guutaman, akkasumaanakkuma Hafuurri Qulqulluun dandeetti isaaniif kennetti afaan biraatiin dubbachuu jalqaban.<sup>5</sup>Yeroo kana Yihuudootni namoota Waaqayyoo ta'an samiidhaa gaditti kan saba hunda keessa jiraatan Iyyarusaaleemitti dhufanii jiraatu turan. <sup>6</sup>Yeroo sagalee kana dhagahan namootni baay'een walitti qabamanii dhufuun waanta namootni dubbatan afaanuuma ofii isaaniitiin sababa ta'eef bitaa isaanitti ta'e. <sup>7</sup>Isaaniis diniqfachuuufi ajaa'ibfachuuunakkana jedhan. Dhugaadhumaan warrii afaan keenyaan dubbatan kun hundi warra Galiilaadhaa mitii?<sup>8</sup>Maaliree tokko tokkoon keenya kanuma ittiin dhalanneen afaanuu ofii keenyaatiin yammuu dubbatan kan dhageenyu yoo maal ta'ee dha? <sup>9</sup>Nu namoota warra Phaarteenaa, Meed, Elaameexiisii fi Mosophoxaamiyaa, Yihuudaa fi Qaaphidooqiyaa, Phaanxoos, Isiyaa, <sup>10</sup>Firgiyaa, Phinfiliyaa, Misir, kutaalee biyya Liibiyaa keessa naannoo Qaareenaa kan jiraanuu fi doy'attoo Roomee irraa dhufne.

<sup>11</sup>Yihudootaa fi Yihuudummaa kan fudhanne warra Qarxees fi namoota Arabaa otoo taanee jirru namootni kun hojii dinqisiisan Waaqayyoo yammuu afaan keenyaan dubbatan dhageenya. <sup>12</sup>Hunduu isaaniituu diniqfachuu fi bitaa galuunakkana waliun jedhan "kuni maal jechuu dha? <sup>13</sup>Garuu kaan isaanii immoo "dhadhii baay'ee dhugan" jechuun itti qoosan. <sup>14</sup>Pheexiroosis isaan kudha tokkoo waliin sagalee isaa olkaasuunakkana isaaniin jedhe, "yaa namoota Yuhudaa fi isin hundi keessan warri Iyyarusaaleem keessa jiraatan, mee waanti kun isiniif haa beekkamu sagalee kootiis xiyyeffannoo keennaa. <sup>15</sup>Amma guyyaa keessaa sa'atii sadaffaa waan ta'eef, akka isin yaaddan namootni kun hin dhugnee. <sup>16</sup>Garuu karaa raajicha Iyyuu'eeliin akka waantii kun dubbatame. <sup>17</sup>Akka Waaqayyo dubbatteti, gaaf guyyoota dhuma'a Hafuura koo namoota foon uffatan hunda irratti gadiin naqa. Ijjoolleen dhiiraa fi durbi keessan raajii dubbatu Namootni ga'eessoni keessaniis muldhata argu akkasumas jaarsoliin kessan abjuu abjootu. <sup>18</sup>Ani dhugaadhumaan, guyyoota sana, tajaajilitoota koo dhiiraa fi durbaa irratti Hafuura koo gadiin naqa, isaanis ni raaju. <sup>19</sup>Ani olsamii irratti waan dingilafa irrattis mallattooleendhigaa, ibidaa fi uurrii aaraa nan agarsiisa. <sup>20</sup>Otoo guyyaan Gooftaa inni guddaa fi inniulfaataan hin dhufiniin dura biiftuun gara dukkanati, addeessaanis gara dhiigaatti ni jijiiramu. <sup>21</sup>Namni kamiyyuu, inni maqaa Gooftaa waamu hundu ni fayya. <sup>22</sup>Yaa namoota Israa'eel, dubbii kanneen dhagahaaakkuma isin ofuma keessaniin beektanitti, Iyyasuuus namni Naazireetti inni nama hojii cimaa fi dinqi, akkasumas mallattooleen Waaqayyoo kara isaa hojjachuun walakaa keessanitti dhugaa baheefira. <sup>23</sup>Nama kanaakkuma Waaqayyoo bara durii murteesee fi duraan dursee beekuutti dabarsee harka keessanitti kenne; isinis namoota hamoota waliin akka fannoo irratti fannifameebdu'u gootan. <sup>24</sup>Waaqayyoo garuu wirxfachuu (cinqii) du'aa keessaa issa ol kaasee, duutis issa qabuu hin dandeenye.

<sup>25</sup>Daawwitis waa'ee isaaakkana jedhe. Yeroo hunda Gooftaa fuldura koottin argasababa inni karaa mirgaa koo ta'eef hin dhiphadhu. <sup>26</sup>Kanaafuu onnoon koo ni gammada, arrabni koos ni ililcha, foon koos immoo abdiidhaan jiraata. <sup>27</sup>Ati ruhii (lubbuu) koo si'oolee keesatti hin dhiftuu tokkicha kee issa qulqullus akka bosbosuu hin gootu<sup>28</sup>karaa jirenyaas akkan beeku na taasiftee jirta, fuldura keettis gammachuudhaan na guutta. <sup>29</sup>Yaa obbolota abboota durii keessaa waa'ee Daawiit akka inni du'ee awwaalame, awwaalli issaas amma hardhaatti akka nuun waliin jiru afaan guutee isinitti himuu nan danda'a. <sup>30</sup>Kanaafuu innis raajaa waan ta'eef akka Waaqayyoo sanyii isaa keessaa nama tokko teessoo aangoo isaarraa ta'u. Kaasuuuf akka kakuu galeef beeke.

<sup>31</sup>Innis waan gara fulduraatti ta'uuf jiru ni argee, waa'ee du'aa ka'iinsa Kiristoosis ni dubbate. <sup>32</sup>Waaqayyoo Iyyasuuus kana du'aa ni kaaseera, nutis hundi keenya dhugabaatotta waan kanaati. <sup>33</sup>Kanaafuu erga gara mirga Wwaqayyotti ol ol jedhee ulfaatee booda abdii Hafuura Qulqulluu isa Abbaan kennee ture sana fuudhee waan isin amma argaa fi dhagahaa jirtan gad-dhangalaasaa jira. <sup>34</sup>Daawiit gara samitti ol hin baane, garuuakkana jedhe 'akka inni si'oolee keesatti hin hafne, akka foon issaas hin bosbosne Gooftaan Gooftaa kootiin 'karaa mirga kootiitaa'i<sup>35</sup> Amman ani diinota kee ijata miila keetisiif goodhutti <sup>36</sup>Kanaafuu manni Israa'eel hundumtuu akka Waaqayyoo Iyyasuuus kana Gooftaafi Masihiisa godhee akka hubatu.<sup>37</sup>Namootnis amma yammuu kana dhagahan onneen saanii tuqamee Pheexiroosiifi ergamootaan kaaniin "yaa obbolota yoos maal haa goonu?

<sup>38</sup>Pheexiroosisakkanaisaaniin jedhe "tokkoon tokkoon keessan qalbii jijiirradha, maqaa Iyyasuuus Kiristoosniis cuuphamaa yoos cubbuun keessan isiniif dhiifamaa, kenni Hafuura Qulqulluus isiniif kennama. <sup>39</sup>Abdiin kun isinii fi ijolee keessanittiaakkasumasisaan fagoo jiran namoota Waaqayyoo Gooftaan keenta waame hundaafi.

<sup>40</sup>Innis dubbi biroo baay'eedhaan dhugaa bahaafii 'dhalootajalloo kana irraa fo'amaa 'jechuun isaan gorse.

<sup>41</sup>Isaaniis dubbii isaa ni fudhatan ni cuuphamanis, namootni guyyaa sana isaanitti dabalamanis lubbuu kuma sadii ta'anii dha. <sup>42</sup>Isaaniis barumsa ergamootaa fi jirenya tokkummaa biddeena waliin caphsachuu (nyaachuu) fi kadhanaan ciman. <sup>43</sup>Lubbuulee hunda irratti sodaan ni dhufe, karaa ergamootaas dinqii fi mallattoon baay'een ni

ta'e.<sup>44</sup> Warri amanan hundis walii jiraatu; waan qaban hundas walitti fidu.<sup>45</sup> Waan qabaniifi mi'a (meeshaa) isaanii gurguruun namoota hundaaf akka isaaniif barbaachisutti hiruuf.<sup>46</sup> Kanaafuu guyyum guyyaan mana qulqullummaatti yaada tookkoon of cimsuu. Akkasum mana, manattis fi garaa qulqulluun biddeena walin caphsatu (nyaatu) turan.<sup>47</sup> Waaqayyoos galateeffachaa namoota hunda birati fudhatama qabu turan, Goftaanii lakkofsa isaanii irratti guyyuma guyyaan namoota fayyan ida'aa ture.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Amma pheexiroosiif Yohaanis yeroo kadhannaas sa'aatii sagal irratti gara mana qulqullumaatti olbahu turan.

<sup>2</sup>Namni tokko kan garaa haadha isaatii jalqabee naafa ta'e. Kan baatamee mana qulqullinaa fuldura bakka "miidhagaa" jedhamu ture. Namootnis guyyaa, guyyaadhaan akka namoota isaan gara mana qulqullinaa deeman irraa waa gaafachuu danda'uufbachi isa kaa'u turan. <sup>3</sup>Yammuu Pheexiroosiif Yahaannis gara mana qulqullinaa seenuuif jedhan argu akka waa kennaniif isaan gaafate. <sup>4</sup>Pheexiroosis ijaan gara isatti garagaluu Yohaannis waliin, akkana jedheen "Garaa keenya ilaali. <sup>5</sup>"Namtichi inni naafniis akka waan tokko argatu eegachuun gara isaanii ilaale. <sup>6</sup>Garu Pheexiroos akkana jedhe "Ani meetii fi warqii hin qabu, garuu anii waaniin qabu siif nan kenna, maqaa Iyyasuus Kiristoos isa Naazireetiin, deemi." <sup>7</sup>Harka isaa isa mirgaas qaba, Pheexiroosisbol isa kaase, battalumaan milliifi koroonyoon namichaas jalqabaate. <sup>8</sup>Namichi naafa tures utaalee ka'uun miilaan dhabatee deemuu jalqabe, Pheexiroosiif Yohaannis waliinis gara mana qulqullummaa keessa seene, Waaqayyo galateffachaa ni deddebi'e, ni utaalees. <sup>9</sup>Yammuu deddebi'uu fi Waaqayyo galateeffatu nammoontni hundi isa argan. <sup>10</sup>Isaaniis akka namni kun namicha isa kanaan dura mana qulqullinaa fuldura bakka 'midhagaa' jedhamu ta'e waa kaadhatu ta'uun beekan; namootnis maal argate jechuun ajaa'iibaafi dinqidhaan guutaman. <sup>11</sup>Akkuma namchii kun Pheexiroosiif Yohaannisitti maxxanee waliin jiruu, namootnibhundi waliin gara isaaniiiti bakka karaa deddebi'a Salamoon jedhamee waamamuutti fiigan. <sup>12</sup>Yammuu Pheexiroos waan kana argu akkana isaanii jedhe "yaa namoota Israa'eel waanti kun maalif isin dinqisiisa? Akka waan nuti humna yookin gaarummaa keenyatti kaaftu?" <sup>13</sup>Waaqini Abrihaam, Yisihaaqiif Yaa"iqoob, Isin garuu akka du'uuf dabarsitanii kennitan, Philaaxoos hiikuuf barbaadullee isin garuu fuldura isatti isa gantan. <sup>14</sup>Isiin isa ququlluufi qajelaa ta'e ganuun nama isa lubbuu ajjeese akka gad lakkiffamuu kadhattan. <sup>15</sup>Isin hundee jireenyaa ajjeftan. Waaqayyo garuu du'aa isa kaasee, nutis dhuga baatota kanaatti. <sup>16</sup>Amantiidhaan maqaa isatiin, maqaan isaa nama isin argitaniifi beektan kana cimaa godheera. Amantiin inni karaa Iyyasuusin fayyina guutuu kana fuldura keessanitti isaaf kenne. <sup>17</sup>Ammas yaa obboloota koo akkuma bulchoota keessanii otoo hin beekiin akka waan kana gootan nan beeka. <sup>18</sup>Waaqayyoo garuu dursee karaa afaan raajotaatiin akka dubatetti Kiristoos kan isaa kan ta'eerra akka rakkinni gahuu kan dubbatee turee raawwwatameera. <sup>19</sup>Kanaafu akka cuphuun keessan isinii haqamuuf deebi'aa, qalbii keessan jijiiradhaa. <sup>20</sup>Kanaafuu yeroon haaromsaa Gooftaa biraas isiiiif dhufa, akkasumas kan dursee isiniif heerame Kiristoos innis Iyyasuus isiniif erga. <sup>21</sup>Akkuma Waaqayyo bara durii irraa jalqabee karaa afaan qulquloota raajotasaatiin dubbatetti hanga bara haaromsaa waan hundaatti inni isa samiin fudhattee tursiiftuu dha. <sup>22</sup>Museenis akkana jedheera 'Waaqayyo Gooftaan keessan raajaa akka kootii isin keessaa isiniif kaasa, waan inni isiniin jedhu hunda dhagaha; <sup>23</sup>Namni isa hin dhageenyeh hundi namoota hunda keessaa adda bahuun ni bada. <sup>24</sup>Eyyee, Saamu'eel irraa jalqabee raajonni isa duubaan dhufan hundi isaanii waa'ee guyyoota kana dubachaa fi beeeksiiisa turan. <sup>25</sup>Isaanii ilmaan raajotaafi dhaaltoota Waaqayyo Abrihaamiif, Sanyii keetiinan qomoo lafaa irra jiran hunda eebisa jedhee kakuu galeeti. <sup>26</sup>Waaqayyo tajaajila is erga kaasee booda, tokko tokkoon keessan hammeenyaa keessan irraa deebitanii akka eebbfamtniif duraan dursee gara keessan erga.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Otoo Pheexiroosiifi Yohannis namootatti dubbachaa jiranuu Faariisoonnii fi itti gaafatamaan waardiyyaa mana qulqullinaa fi Saaduqoonni isaanitti dhufan. <sup>2</sup>Isaanis sababa Pheexiroosiifi Yohaannis namoota barsiisanifi waa'ee du'aa ka'iinsa Iyyasuus lallabaniif baay'ee dallanan. <sup>3</sup>Isaanis isaan qabun mana hidhaatti galchuun hanga ganama itti fufuutti achi bulchan, erga amma galgalaa'eef. <sup>4</sup>Garuu namootni ergaa isaanii dhagahan baay'ee isaanii ni amanan, lakkofsi namootni dhiiraa isaan amananii gara kuma shanii ture. <sup>5</sup>Guyyaa itti aanuutti bulchitootni, jaarsoliini fi barsiisonni seeraa isaanii dhufanii Iyyaruusaaleemitti walitti qabaman. <sup>6</sup>Luba olaanaan Haanaan achi ture, Qayyaaffaafi Yohaannesis, Aleeksandari fi firootni luba olaanaa ta'an hundi isaanii achi tura. <sup>7</sup>Isaanis yammu taa'an Pheexiroosiifi Yohaannis jidduu isaanii dhaabuun "Humna maalittin, yookin maqaa eenyuutiin kana gootan?" jechuun isaan gaafatan. <sup>8</sup>Achiin Pheexiroos, Hafuura Qulqullutiin guutamuun isaaniin jedhe "Isi bulchootni uumntaa fi jaarsoliin. <sup>9</sup>Hardha waa'ee waanti garii dhukkubsataa kanaa godhame akkamitti akka fayyuu danda'e kan nugaafattan yoo ta'e. <sup>10</sup>Isi hundi keessaniifi namootni Israa'eel hundaaf akka namni kun maqaa Iyyasuus Kiristoos nama Naazireetii isa isin fanniftanii, Waaqayyo immoo isa du'aa kaaseetiin fayyee fuldura keessan dhaabaachuun isaa kan beekkame haata'u. <sup>11</sup>Iyyasuus inni isin warrii ginbii ijartaan tuffattan, inni garuu dhagaa mataa golee ta'ee dha. <sup>12</sup>Fayyiinni karaa nama biroo kamiiniyyuu hin jiru, akka ittiin fayyinuuf namoota hundaaf kan kennname maqaa kana malee maqaa bira samiidhaa gaditti hin jiru. <sup>13</sup>Amma Pheexiroosiifi Yohaannis ija jebeenyaan dubbatan yammuu argan akka isaan namoota hin barannee ta'an immoo hubatan dinqisiifatan, kana irraa kan ka'ee akka Pheexiroosiifi Yohaannis Iyyasuus waliin turuu isaanii gara hubannootti dhufan. <sup>14</sup>Sababa namachi fayyee isaan waliin dhaabatu arganiif waan kana mormannii homaa jechuu hin dandeeny. <sup>15</sup>Garu akka bakka walghaaii gad-dhiisan ergamoota erga ajajanii booda, ofii isaaniitiin wal mariyatan. <sup>16</sup>Akkanan waliin jedhan "Egaa namoota kana maal haa goonu? Akka isaaniin mallatoon bekkamoon hojjataman namootni Iyyaruusaaleem keessa jiraatan hundaaf kun qabatamaa dha", nutiis mormuu hin dandeeny. <sup>17</sup>Garu akka inni kana caaa uummata keessatti hin babaldhanee, koota akka lammata maqaa kanaan waan tokko hindubbane isaan haa akeekfachiifnuu." <sup>18</sup>Achiin gara keessatti isaan waaman akka isaan maqaa Iyyasuusiin homaa hin dubbanne fi hin barsiifne ajajan. <sup>19</sup>Garuu Pheexiroosiif Yohaannis deebisaniif akkanas jedhaniin "Mee isinumti faradaa murteessaa (faradaa), Waaqayyoof ajajamuu caala isiniif ajajamuun nuuf barbaachisaa dha. <sup>20</sup>Waa'ee waan arginee fi dhageenyee dubbachuu dhaabuu hin dandeeny. <sup>21</sup>Isaanis erga Pheexiroosiif Yohaannis akkekkaachiisaniif booda gad-lakkisa. Sababa uummatni hundi waa'ee waan Waaqayyoo hojjateef galateeffataniif, karaa ittiin isaan adabuu danda'an argachuu hin dandeeny. <sup>22</sup>Namichi fayyina argatee suunis umrii isaa wagaa afurtamaa ol ture. <sup>23</sup>Pheexiroosiif Yohaannis erga bilisa ta'aniin booda, gara uummata isaanittibdhufanii waan hangafootni Lubootaa, fi jaarsoliin isaaniin jedhan hunda gabaasan. <sup>24</sup>Isaanis yammuu kana dhagahan tokkummaadhaan sagalee isaanii gara Waaqayyooti ol kaasaniifakkana jedhan, "Yaa Gooftaa Ati samiifi ardi, galaanaafi waan isaan keessa jiran hundas uumtee jirta. <sup>25</sup>Ati Hafuura Qulqulluun karaa afaan garbicha keetii, abbaa keenya Daawiitiin <sup>26</sup>akkana jette Uumman ormaa(biraa) maaliif dallansuun dubbatu, uummanis maaliif waan faayidaa dhabeessa yaadu? Moototni lafaas walitti qabamuun hiriiran Bulchootni Gooftaa, Kiristoosiin mormuuf walitti qabaman. <sup>27</sup>Dhugaa dha, Heerooldsiifi Phiilaaxoos inni Pheenxeenaan uummata ormaa fi uummata Israa'eel waliin ta'uun tajaajilaa kee isa qulqulicha Iyyasuus, isa ati dibdeen mormuuf magaalaa kana keessatti walitti qabaman. <sup>28</sup>Isaanis karoorama atii dursitee harka keetiin karoorsitee sana hojjachuuf wal-gahan. <sup>29</sup>Yaa Gooftaa, gara dorsiisa isaanii ilaali, akka tajaajilootni kees ija jabummaan (bilisaan) dubbachuu danda'an gochi. <sup>30</sup>Fayyisuufis harka kee diriarsi, karaa maqaa tajaajilaa kee isa qulqullu Iyyasuusiin mallattoolee fi dinqi kenni. <sup>31</sup>Erga kadhatanii booda bakki isaan walitti qabaman sun ni ollate, hundi isaaniis Hafuura Qulqullutiin ni guutaman, sagalee Waaqayyoos ija jabeenyaan ni dubbatan. <sup>32</sup>Amantootni lakkopfsaan baay'ee ta'an sun hundi garaa tokko fi lubbuu(yaada)tokko qabu ture. Waan qaban hunda qabeenya walii akka ta'e malee namni tokkolle qabeenya isaa akka waan ofii qabutti hin lakkauu. <sup>33</sup>Ergamootni humna guddaadhaan waa'ee du'aa ka'iinsa Gooftaa Iyyasuus dhugaa bahu turan, ayyanni guddaanis hunda isaanii irratti ta'e ture. <sup>34</sup>Namni iyessa ta'e tokkollee isaan keessa hin jiru ture, hundi isaan lafa yookin mana ofin qaban hunda gurguruun qarshii waan gurguranii sana ni fidu turan. <sup>35</sup>Miila ergamoota jala kaa'u, innis tokko tokkoo isaaniitiif akkuma isaan barbaachisutti qoqqodama ture. <sup>36</sup>Yooseef kan jedhan Leewii kan ta'e namni Qoophiroos tokko kan booda ergamoonni Barnaabaas(hiikni isaas jajjabeessaa dha) jedhanii moggaasan. <sup>37</sup>Ooruu isaa gurguruun qarshii isaa fide miila ergamoota jala kaa'e.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Namni maqaan isaa Hanaaniyaa jedhamu tokko, haadha manaa isaa Saphiiraa waliin qabeenya isaa gurguruun,  
<sup>2</sup>qarshii itti gurgure irraa muraasa hambisee (haatii manaa isaas kana ni beekti) isa hafee fiduun miila ergamootaa jala kaa'e.<sup>3</sup>Pheexiroosis akkana jedhe "Yaa Hanaaniyaa, akka Hafuura Qulqulluu sobduu maaliif seexanni yaada kee guutee gatii lafa gurguratee irraa hirtee hambifie? <sup>4</sup>Otoo hin gurguriiniin dura kan kee hin turree, erga gurguramee hoo aangoodehuma kee jala mitiyyuu? Yoos akka ati akkana gootuuf kan yaaddee maaliifi? Ati garuu nama otoo hin ta'iin Waaqa sobde. <sup>5</sup>Hanaaniyan yammuu jechoota kana dhagahu lafa dhawun haafuura isaa isa dhuma baase, warreen kana dhagahan hundattis sodaan guddaa irraatt dhufe. <sup>6</sup>Ga'essooniis reenfa isaa kaasanii kanaafun gara alaatti baasanii awwaalan.<sup>7</sup>Eega gara sa'aatii sadii ta'een booda oto waan ta'e hin beekiin haati manaa isaa dhufee seente. <sup>8</sup>Pheexiroosis "Mee natti himi lafa keessan gatiidhuma ammanaatti gurgurtanii?" jedhee ishii gaafate. Ishiin "Eeyyeen ammanumatti gurgurre" jetteen. Akkasumaan Pheexiroosis "Isin Hafuura Gooftaa qoqqoruudhaan akkamitti walii-galtan? Ilaali miili namoota abbaa manaa kee awwaalee balbala irraa jira, isaanis ala si baasu" ishiidhaan jedhe. <sup>10</sup>Ishiin isiili isaa jalatti lafa dhahuun hafuura ishii isa dhuma baafte. Yammuu namootni ga'esotni ol-dhufanii seenan, reenfa ishii arganii ala baasuun geessanii bukkee (cinaa) abbaa warraa ishitti ishii awwaalan. <sup>11</sup>Sodaan guddaan waldaa fi warra kana dhagahan hunda irratti dhufe.<sup>12</sup>Uummata jidduutti mallatoo fi dinqiin baay'eenkara harka ergamootaatiin hojjatame. Isaan hundumtu bakka deddeebi'a Salamoo jedhamutti waliin jiru turan. <sup>13</sup>Namootni hafan kaan garuu isanitti makamuuf kan kaka'e hin jiru, haa ta'u malee, uummata biraatti kabaja guddaa qabu ture.<sup>14</sup>Yeroodhaa gara yerootti amantootni dhiironnii fi dubartootni baay'ee ta'an gara Gooftaatti dabalaman. <sup>15</sup>Kanaafuu yammuu Pheexiroos achiin darbu gadiidduun isaale namoota mumuraasa irra akka ba'u jedhanii dhukkubsatoota siree fi wasaansaadhaan baatanii karraa irraatti baasuun qarqara daandii ciiphsuu turan. <sup>16</sup>Uummata lakkofsaan baay'ee ta'an magaalota naannoo Iyyaruusaaleem jiraatan keessaa dhukkubsatootaa fi namoota hafuura hamaan qabaman ni fidu ture, hundi isaaniis ni fayyu.<sup>17</sup>Haa ta'u malee Lubni olaanafi isaan isaa waliin jiran hundi (kan kutaa saaduqootas ta'an) inaaffaadhaan guutaman. <sup>18</sup>Ergamootas qabani mana hidhaatti galchan.<sup>19</sup>Maleektotni Gooftas halkaniin balbaloota mana hidhaa bananii isaan baasuun, akkanas jedhanii <sup>20</sup>"Deemaa Mana Qulqulluumma keessa dhaabadhaatii uummata hundatti waa'ee sagalee jireenyaa himaa." <sup>21</sup>Isaanis yammii kana dhagahan, akkuma barii'en mana qulqulumma seenani barsiisan, Garuu Luboonti ol-aanaa fi warrii isaan waliin turanis, gumii fi jaarsolli Israa'eel hunda walitti waamuun akka ergamoota qabanii fidanii gara mana hidhaatti ergan. <sup>22</sup>Qondaaltotni warri ergaman garu mana hidha sana keessatti isaan hin arginef deebi'uun gabaasan <sup>23</sup>"Nuti mana hidhaa haalaan akka cufaa ta'ee fi waardiyyoonnis balbala irra dhaabachuu isaanii arginee jira, garuu yammuu balbalicha bannu nama tokkollee keessatti hin argine.<sup>24</sup>Itti gaafatamaan eegdota mana qulqulummaa fi Lubni olaanaan yammuu jechoota kana dhagahan, waan ta'e ajaa'ibfachuun "maaltuu dhufuuf jira" jedhan. <sup>25</sup>Akkasumaan namni tokko dhufee "Namootni isin mana hidhaatti galchitanii turtan mana qulqulummaa keessa dhaabachuu barsiisaa jiru" jedhee isaanitti hime. <sup>26</sup>Kanaafuu itti gaafatamaan wardiyayaa mana qulqullina qondaalaa waliin ta'un waan uummata dhagaadhaan na dhawu jedhee sodaateef humnatti otoo hin fayyadamine isaan fide. <sup>27</sup>Yammuu isaan fidan, gumii fulduratti fidanii teesisan. Lubni olaanaanis akka jedhee isaan gaafate. <sup>28</sup>Nut akka maqaa kanaan hin barsiifne isin ajajinnee ture, isin garuu ammas barumsa keessanii Iyyaruusaleem guuttanii jirtu dhiiga nama kanaas nutti fiduuf fedhi qabdu.<sup>29</sup>Pheexiroosiif ergamootni garu "Namoota irra Waqaafajajamu qabna" jedhanii ddebisaniif. <sup>30</sup>Waaqni abbota keenya Iyyasuus isin muka irratti fanniiftanii ajjeftan sana du'a kaase. <sup>31</sup>Waaqayyoo akka Israa'eeloonni yaada jijiirachuu dhifama cubbuu argatanii, mootiifi fayyisa godhee isaa ulfeessun mirga ofiisa kaa'e. <sup>32</sup>Nuti dhugaa baatota waantotaa kanaati, Hafuurri Qulqulluu, inni Waaqayyoo warra isaa ajajamaniif kennees dhugaa baha.<sup>33</sup>Miseensonni gumii yammuu kana dhagahan baay'ee dallannuun ergamoota ajjeesuuf barbaadan. <sup>34</sup>Garuu Faarisichii Gamaaliyaa jedhamee waamamu tokko, barsiisaa seera inni uummata hunda biratti kabaja qabu, gumii keessa dhaabachuu yeroo muraasaaf akka namoota alatti gadi-baasanii ajaja kenne. <sup>35</sup>Innis "Yaa namoota Israa'eel, waan namoota kanneen irratti gochuuf karoorsitan (akeektan) sirritti xiyyefannoo kenna" isaanin jedhe. <sup>36</sup>"Kanaan dura, Tewoodaa, namichi ani nama guddaadha ofiin jedhu tokko, kan namootni lakkofsaan baay'ee, gara dhibba afuurii ta'an isatti dabalamanii hordofan ka'ee ture. Innis ni du'e, kanneen isaa hordofan hundis faffaca'uun badan.<sup>37</sup>Nama kanaan boodas, yeroo lakkoofsa uummata Yihuudaa, namni Galilaan ka'un namoota muraasa ofitti deebisee akka isaa hordofan godhe. Akkasuma innis ni bade, namootni isaa hordofanis ni bittinaa'an.<sup>38</sup>Ammas waantiin ani isiniin jedhu, namoota kana irraa fagaadhaa, isaanis dhiisaa, hojiin yookin karoorri kun kan namaa yoo ta'e ni badu.<sup>39</sup>Garuu kan Waaqayyoo yo ta'e isin isaan balleessuu hin dandeessan, isin siriidhuma Waaqayyoo waliin otoo loltanuu akka hin argamne." Isaanis ni

amanan.<sup>40</sup>Isaanis ergamoota gara keessatti waamuun rukutanii (garafanii) akka lamata maqaa Iyyasuusiin hin dubbanne ajajanii gad-isaan lakkissan. <sup>41</sup>Isaanis waa'ee maqaa kanaatuuf salphachuun (rakkachuun) nuuf ulfina jechuun gammachuudhaan gumii sana bahan. <sup>42</sup>Achiin booda, oduu misiraachuu isa Kiristoos Iyyasuus ta'u mana qulqulummaatis ta'ee mana, manaan guyyaa hunda barsiisuu fi lallabuuti fufan.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Goyyoota kanatti, yammuu lakoofsi barattoota baay'achaa adeemu, Ayihudootni Giriikii dhufan Ibroota irratti sababa isaan yammuu kenna qoqoodan dubartoota dhirsii irraa du'e isaanii irratti qoqqobii godhaniif komii dhiyessuu jalqaban.<sup>2</sup>Warri kudha lamaanis baratoota baay'atan gara offitti waamuuni akkan jedhan "Nyaata nyaachisuuf jecha sagalee Waaqayyoo tajaajiluu dhisuun keenya sirri miti.<sup>3</sup>Kanaafuu, yaa obboloota, isinuma keessa namoota Hafuura Qulqulluu fi ogummaan guutamuu isaanii kanneen namootni dhugaa isaaniif bahuu danda'an torba filadhaatti hojii kana isaanitti kenninaa.<sup>4</sup>Nuti immoo garuu kadhannaa fi sagalee tajaajiluutti jabaana.<sup>5</sup>"Dubbiin isaanii tuuta hunda gammachiise. Kanaafuu isaaniis Isxiifaanos fi Filiiphoos, Phirookooros, Niqaenor, Xiimoon, Pharmeenaa fi Niqoolaawoos nama Antsookiyyaa isaa gara Yihuudummaatti gale filatan.

<sup>6</sup>Amantootnis namoota kanneen ergamoota fulduratti fidan, isaanii harka irra kaa'uun kadhataniif.<sup>7</sup>Dubbiin Waaqayyoos babaladhachuutti fufe, lakkofsi barbatootaa Iyyaruusaaleem keessatti baay'inaan dabale, luboонни baay'eetti lakaawamanis ajajamuun gara mantiitti dhufan.<sup>8</sup>Isxiifaanosiis ayyaanoo fi humnaan guutamuudhaan, uummata jidduutti dinqiwwaniifi mallatoolee gurgudaa godha ture.<sup>9</sup>Uummanni muraasni mana sagadaa (siinaagoog) mana sagada namoota bilisoomanii jedhamee waamamuu isaan Qaareenaa fi Aleeksandariyaa, akkasumas muraasinis Keelqiyyaa fi Isiyaadhaa dhufan ka'an. Namootni kinis Isxiifaanosiis mormuu jalqaban.

<sup>10</sup>Haa ta'u malee ogumma fi hafuura Isxiifaanoos ittiin dubbachaa ture fuldura dhaabatan ittiin mormuu hin dandeenyee. <sup>11</sup>Kana irraa kan ka'e namoota "Yammuu Isxiifaanoos jechoota abaarree (harabsaa) Musee fi Waqqayyo irratti dubbatu dhageenyee jira" jedhanii sobaan dhugaa bahan dhoksaatti qopheessan.<sup>12</sup>Isaanis uummata, jaarsoloofi barsiisota seeraa kakaasuun gara Isxiifaanoos dhufanii qabuun gumii fulduratti isa dhiyyeessan. <sup>13</sup>Isaanis namoota "Namni kun faallaa bakka qulqullummaa kanaa fi seeraa dubbachuu hin dhaabne.<sup>14</sup>Nutis yammuu inni Iyyasuus, namni Naazireet bakka kana ni diigaa, Seera Museen nuu kenes ni jijira" jedhanii sobaan itti dhugaa bahan fidan.<sup>15</sup>Namootni hundi, isaan bakka gumii jiran ija isaanii kaasuun yammuu xiyyefannoona fuula isaa ilaalan, fuulli isaa akkuma fuula Maleektotaa ta'ee argan.

## Chapter 7

<sup>1</sup>Lubni olaanaanis "Waantootni kanneen dhugaa dha?" <sup>2</sup>Ixiifaanosis "Obboloonnii fi abbootni, na dhagaha. Waaqni ulfinaa abbaa keenya Abrihaamitti otoo inni gara Kaaraanitti hin dhufiin yammuu inni Mosophoxaamiyya jiruu itti muldhate. <sup>3</sup>Akkana isaan jedhe "Biyyaa keefi firoottan kee dhiisiitii, biyyaan ani sitti agariisuutti deemi." <sup>4</sup>Akkasuma, innis biyyaa Kaladaan dhiisee kaaraan keessa jiraate; Eega abbaan isaa du'ee booda, Waaqa gara biyya amma isin jiraachaa jirtan kanatti isa fide. <sup>5</sup>Waaqayyoos akka inni dhaalu asi lafa faanaa miilaa tokko illee hin keennineef. Haa ta'u malee, otoo Abrihaam ilma homaa hin qabaatiin isaa fi isaan booda isaatif biyya akka qabeenyaatti akka kenuuf kakuu galeef. <sup>6</sup>Waaqayyoosakkana jechuun isatti dubbate, akka sanyiin isaa bara dheeraaf biyya ormaa keessatti darabummaadhaan wagoota dhibba afurif garboomani jiraatu. <sup>7</sup>Waaqayyoakkana jedhe 'Ani saba isaan garbummaan tajaajilan nan adaba, sanaan booda achii bahanii dhufuun bakka kanatti na waaqessu.' <sup>8</sup>Waaqayyoos Abrihaamii kakuu kittaanamuun keneef. Akkasumaa Abrihaam Yisihaaq argate, guyyaa saddeettaafaatisa kittaane, Yisihaaq immoo Yaa'iqoob argate, Yaa'iqoobis abbaa abboota qomoo kudha lamaanii ta'e. <sup>9</sup>Abbootnis sababa Yooseefittinaafaniif, biyya Misiraattiisa girguran, garuu Waaqayyo immoo isa waliin ture, <sup>10</sup>rakkina hunda keessaa isa baasa ture. Yooseefifis mooticha Misira Fari'oona isabiyyaa fi mootumma isaa hunda irratti aangoo kennuu dibe fulduratti fudhatamaa fi qarooma kenneef.

<sup>11</sup>Amma ongee fi rakkinni gudaan biyya Misiri hundaafi kana'aanitti dhufe, abbootnii keenyas waan nyaatan argachuu hin dandeenye. <sup>12</sup>Yaa'iqoobis biyyaa Misiri akka midhaan jiru yammuu dhagahuu abbota keenya yeroo jalqabaatiif erge. <sup>13</sup>Imala isaanisa lammaffaa irrattis Yooseef eenyummaa isaa oboloota isaatti of-muldhise, maatiin Yooseefis Fari'oona biraatti beekamoo ta'an. <sup>14</sup>Yooseefis obboloota isaa deebisee abbaa isaa Yaa'iqoob gara biyya Misiritti akka fidanii erge, innis maatii isaa hunda waliin namoota torbaatamii shanii dha. <sup>15</sup>Yaa'iqoobis gara Misiritti bu'e, innifi abbotnis ni du'an. <sup>16</sup>Isaanis reenfa isaa baatanii Seekeemitti bakka Abrihaam qarshiiisaatiin ilmaan Aamoorii irraa biteetti fidanii awwaalan. <sup>17</sup>Akkuma yeroo kakuun Waaqayyo Abrihaamiif gale raawwatamuuf dhiyaattetti baay'inni uummataas Misira keessatti guddate. <sup>18</sup>Kana booda mootiin biraa, mootiin waa'ee Yooseef hin beeknee Misira irratti bulchaa ta'e. <sup>19</sup>Innis akka malee uummataa keenya sobee abboota keenyas mookse, daa'imman dhalatan isaaniis akka hin jiraannee akka baasanii gatan dirqisiise. <sup>20</sup>Yeroo sana Museen dhalate, fuldura Waaqayyootis midhagaa (bareedaa) ture, ji'oota sadiif mana abbaa isaatti kunuunsuun guddifame. <sup>21</sup>Yammuu alatti baafamee gatamu, intallii Fari'oona akka ilma ofitti gudifachuuf isa fudhatte. <sup>22</sup>Museenis qarooma misiroota baratee dubbii fi hojji isaattincimaa ta'e. <sup>23</sup>Yammuu umriin isaa gara waggaafurtamaa ta'u obboloota isaa ilmaan Israa'eel ilaaluukka qabu onneeisaatti yaade. <sup>24</sup>Yammuu kana Museen nama Israa'eel tokko irra miidhaa gahu argee isaaf tumsee nama misirichaa dhayee haaloo ba'eef. <sup>25</sup>Museenis akka waan obbolaanisaanif Waaqayyo karraa harka isaatiinfayyinaisaaniifkennuhubatanitti fakkaate ture, haa ta'u malee isaan hin bubaanne turan. <sup>26</sup>Guyyaa itti fufuuus yammuu ofuma wal-lolan itti dhufee "Namoota, isinuu waliif obbolaadha hoo, maaliif waan hin taane wal-irratti hojjatu? jechuun akka naga walakaaisaanitti buusan yaale.

<sup>27</sup>Garuu namni inni miidhaa hiriyaa isaa irraan gaha jiru achiisa ha'uun "eenyutu si nu-irratti bulchaa fi abbaa murtii godhe file?" jedheen. <sup>28</sup>"Akkuma kaleessa namicha Misira sana ajjefteanasajjeesubarbaadaa?" <sup>29</sup>Museenis erga jecha kana dhagaye booda dheensuun biyya Midiiyaam keessa bakka itti abbaa ilmaan lamaata'e baqataata'uun jiraate. <sup>30</sup>Wagoota afurtama erga achi tureen boda, lafa onaa keessatti naannoo tulluu Siinaatti arrabni ibidaa muka micireebobeesuutti muldhate. <sup>31</sup>Yammuu Museen ibiddilaaluuaan argetti dinqifachuunakkumiitti dhiyaateen sagaleen Gooftaa itti dhufe, akkana jedheen. <sup>32</sup>Ani Waaqa abboota keetii, Waaqa Abrihaam, WaaqaYisihaaqii fi Yaa'iqobi dha: Museenis nisodaate oljedhee ilaaluukka dandeenye. <sup>33</sup>Gooftaanakkana jedheen "Waankakki ati dhaabatte kun lafa qulqulluu ta'eef kopheekee miila keerraa baasi. <sup>34</sup>Anis dhugaadhumaaan hacuuccaauumata kootiiisaan Misira keessa jiranii argeera, booyichaisaaniis dhagayeeran, anisisaan baasuuf gad-bu'eera, ammas kootu gara biyya Misirittin si erga." <sup>35</sup>Museen kun inniisaan yammuuisaan "Eenyutu bulchaa fi abbaa murtii godhe si kaa'ee?" jedhaniiisa jibban - inni namaisa waaqayyoo bulchaa fi bilisa baasaa lachuu godhe erge ture. Waaqayyo karraa Maleekaatiimuka micireekeessatti Museetti muldhachuuuisa erge. <sup>36</sup>Museenis erga biyya Misiraa keessatti diqootaa fi mallattoolee hojjatee booda Misirakeessaaisaan baasuun galaan ceesiseela onaa keessa wagoota afurtamaisaan geggeese. <sup>37</sup>Museedhuma kana inniuummataa Israa'eeliin 'Waaqayyo raajaa akka koo ta'e obboloota keessan keessaa isiniifkaasa' jedheen.

<sup>38</sup>Namuma kanaadha inni tuuta bakka lafa onaa keessatti tulluu Siinaa irratti Maleektoota isaa abboota waliinturee waliin dubbata inni sagaleejiraata fuudhee nuuf kennee dha. <sup>39</sup>Garuu abbootni keenyasisaafajajamuudidan,isaanisof-irraa achiisa dhii an; yaadaaisaaniiitiini gara Misiraatti deebi'an. <sup>40</sup>Yeroo sana Aarooniinakkana jedhan "Waankun, inni biyya Misiraatti nu baase waan inni ta'e hin beekneef, waaqa nam-tolcheisa nu geggeesuunuf tolchi." <sup>41</sup>Isaaniis guyyootuma sana jabbii tolfachuun aarsaa waaqaisaanikanaafidaniif, sababa

hojii harka isaaniitii baay'ee gamadana.<sup>42</sup> Waaqayyoos isaan irraa gargaluun akka isaan uurjoota samii waaqeffatanii dabarsee isaan kenne,akkuma kitaaba raajotaa keessatti akkana jedhamee barreeffame "Isin yaa mana Israa'eel waggoota afurtama lafa onaa keessatti kennaa fi aarsaa naa fiddanii jirtu?"<sup>43</sup> Isin, dunkaan Moloki fi waqa Raafa kan ta'e urjii akkasumas fakkiwwan waaqeffachuu ofii bocattan fudhatan. Kanaafu anis Babiloonii achittin isin ariyadha."<sup>44</sup> Abbootni keenya lafa onaa keessatti dunkaan dhugaa bayinsa qabu turan. Kunis akkuma Waaqayyoo Museetti dubbachuun ajajetti, akkuma arge sanatti, haaluma sanaan isaan hojjatee dha.<sup>45</sup> Kana boodas, Abbotni keenya isaan Iyyasuun dhaan durfaman dunkaana kana fuldhachuun Waaqayyoo uummatoota ormaa isaan fulduraa ariyatee lafa isaanii erga dhaalanii booda dunkaanicha hanga bara Daawititti ofi bira kaa'an.<sup>46</sup> Daawitis Waaqayyoo biratti fudhatama waan argateef Waaqa Yaa'iqobiif akka bakka qopheesuu gaafata.<sup>47</sup> Haa ta'u male mana Waaqayyoo kan ijaare Salamoon ture.<sup>48</sup> Haa ta'u male waantii baay'ee guddaan Waaqayyoo mana harka namaatiin tolfame keessa hin jiraatu, akkuma raajichi jedheetti.<sup>49</sup> Samiin teesso kooti, laftis ijjata miila kootiiti mana akkamii naa ijaarturee? jedha Gooftaan yookii bakkin itti boqadhu eessaa dha?<sup>50</sup> Wantoota kanneen hunda kaan hojjate harka koo mitii?"<sup>51</sup> Isin namoota gateetti jabeeyyi nanaa, onneen keessanii fi gurri keessan kan hin kittaanamne, isin yeroo hunda akkuma abbootni keessan godhan Hafuura Qulqulluun mormitu.<sup>52</sup> Raajota keessa abbootni keessan kan hin ariyanne eenyuu dha? Isaan warra duraan dursanii wa'ee dhufaatii isa qajeelaa himanillee ni ajeesson. Isinis immoo amma isa dabarsitanni keenitan ni ajjeftaniis.<sup>53</sup> Isiin yaa uummata, isin warra seera karaa Maleektootaatiin fudhatan malee garuu hin eegne.<sup>54</sup> Isaanis warri miseensonni gumii waantoota kanneen dhagahan Isxiifaanositti baay'ee dallanan, ilkaan isaanis waliin qaran.<sup>55</sup> Inni garuu Hafuura Qulqulluuttin guutame gara Samitti xiyyefate yammuu ol-ilaalu ulfina Waaqayyoo fi Iyyasuus, mirga Waaqaa dhaabatee arge.<sup>56</sup> Isxiifaanosis "Ani samii banamee, Ilma Namaas Mirga Waaqaa dhaabatuun argaa" jedhe.<sup>57</sup> Yeroo kana misensonni gumii hundi gurra isaanii qabun sagalee isaanii olkaasanii iyyudhaan gara issaatti tokkumaadhaan figan.<sup>58</sup> Isaaniis magaalaa keessaa baasuun dhagaa itti darbachuu jelqaban. Dhagaa baatotni uffata isaani miila nama ga'eessa tokko maqaan isaa Saa'ool jeshamu jala kaa'an..<sup>59</sup> Isxiifaanosiis, yammuu isaan dhagaa itti darbachaa tumaa jiranu, Gooftaa waama ture, akkanas jedhe "Gooftaa Iyyasuus lubbuu koo fudhadhu."<sup>60</sup> Innis jilbeefachuu sagalee ol kaasee "Yaa Gooftaa, cubbuu isaanii kana itti hin lakkaa'iin" jedhee iyeee. Kana boodas hafuura isa dhumaan baasuun muge.

## Chapter 8

<sup>1</sup>Saa'oolis ajjeechaa Isxiifaanos irratti waligalee ture Guyyaa sanatti ariyatamni guddaan waldaa Iyyaruusaaleem jirtuu irratti jalqaba, ergamotoot malee amantootni hundi isaanii gara naannoo Yihuudaa fi samaariyaa hundaatti faffaca'ani. <sup>2</sup>Namootni amantiitti cimanis booyicha guddaadhaa Isxiifaanoos awwaalan. <sup>3</sup>Saa'ool garuu waldaa balleessuu hidhatee ka'e. Innis manaa gara manaa irra naanna'ee seenuun dhiiraa fi dubartoota harkisee baasuun gara mana hiidhaatti isaan galcha. <sup>4</sup>Amantootni warrii faffaca'an garu dubbii lallaban. <sup>5</sup>Filiiphoos gara magaalaa Samaariyaatti bu'ee Kiristoos lallabef. <sup>6</sup>Uummatni baay'eenis siritti xiyyeffanno kennuun waan Filiiphoos dubbatu qalbii tokkoon dhaga'uu, mallattoolee inni godhees argan. <sup>7</sup>Hafuurri xuraa'aanis iyyaa namoota baay'ee keessaa bahan, namootni naafniifi laamsha'an baay'eenis ni fayyan. <sup>8</sup>Kana irraa kan ka'e gammachuu guddaan magaalatti ta'e. <sup>9</sup>Garuu kanaan dura namni maqaan isaa Siimoon jedhamu tokko kan raagaa (falfala) namoota magaalaa sanaa kanajaa'ibsisiis tureefi, ani nama barbaachisaadha jechuun ofjajutu ture. <sup>10</sup>Warri Samaariyaa hunda xiqqaadha hanga guddaatti xiyyeffanno isaa kennuun, "Namni kun isa humna Waqaqaan kan 'Guddicha' jedhamuun waamamuun dha" jedhan. Isaanis <sup>11</sup>sababa yeroo dheraadhaaf, (falfalla) isaatiin isaan ajaa'ibsiiitee isa dhagahuuyyu. <sup>12</sup>Garuu isaan yammuu Filiipoos Wangeela, waa'ee mootummaa Waqaqayyoo fi maqaa Iyyasuus Kiristoos lallabuu amanuudhaan dhiirooniinis dubartootnis cuuphaman.

<sup>13</sup>Siimoon mataanumtii isatu amane cuuphamuun dhaabbataan Filiiphos waliin ture yammu mallatoollee fi hojjiwwaan gurguddaan taasifaman argu ni ajaa'ibfate ture. <sup>14</sup>Amma ergamotootni Iyyaruusaaleem jiran yammuu akka warri Samaariyaa dubbii Waqaqayyootti amanan dhagahan, Pheeexiroosiif Yohaannis isaanii ergan. <sup>15</sup>Isaanis yammuu Samaariyaatti dhufan, akka Hafuura Qulqulluu fudhatanii isaanif kadhatan. <sup>16</sup>Hafuurrii Qulqulluun hanga yeroo kanaatti eenyuma saan irratti hin dhufne ture, maqaadhuma Gooftaa Iyyasuusiin qofaan cuuphaman malee. <sup>17</sup>Kanaafuu Pheeexiroosii fi Yohaannis harka isaanii isaa irra kaa'an, isaanis Hafuura Qulqulluu fudhatan. <sup>18</sup>Amma Siimoon yeroo ergamotootni harka nama irra kaa'an akka Hafuurrii Qulqulluu kennamuu yammuu argu, ergamotootaf qarshii kenne. <sup>19</sup>Innis "Namni ani harka irra kaa'u kamiyyuu akka Hafuura Qulqulluu fudhatu, aangoo kana anaafis kennaa" jedhe. <sup>20</sup>Garuu Pheeexiroos akkana isaan jedhe "Sababa kenna Waqaqayyoo qarshiidhaan bituuf yaadee, qarshiin kee si waliin haa badu." <sup>21</sup>Onneen kee fuldura Waqaqayyootti qajeelaa waan hin taaneef, tajaahila kana keessatti atti qooda hin qabdu. <sup>22</sup>Kanaafuu hammeenyaa kee kanaaf yaada jijiiradhu, Gooftas kadhadhuu, innis yaada onnee keetii ilaalee dhiifama siif kenna ta'a. <sup>23</sup>Ani akka ati summii hadhaa'aadhaan guutamtee fi hidhaa hafuura xuraa'aa keessa jirtuun si arga. <sup>24</sup>Siimoon akkana jechuun deebise "Waanti ati jette kun akka ana irratti hin taane Gooftaa naa kadhadhuu." <sup>25</sup>Pheeexiroosiif Yohaannis erga dhugaa bahanii fi dubbii Gooftaa dubbatanii booda, gandoota baay'ee Samaariyaa keessatti Wangeela lallabaa gara Iyyaruusaaleemitti deebi'an. <sup>26</sup>Maleekaan Gooftas "ka'iitii gara kibbaa daandii isaa Iyyaruusaaleemii gara Gaazaatti (Daandiin kunis gamoojii /lafa ho'aa/)fidduutti gad-bu'ii" jechuun Filiiphoositti dubbate. <sup>27</sup>Innis ka'ee deeme. Daandii isaa irratti, "Nama Itiyoophiyaaadhaa dhufe, kan fuudhoo hin dandeenye, kan Handaakee mootittii (giftii) Itiyoophiyaa jalatti aangoo guddaa qabu tokkotti dhufe. Innis qabeenya ishii hunda irratti ajajaa ture. Innis sagadaaf gara Iyyaruusaaleemitti dhufe. <sup>28</sup>Gaarii (Sargallaa) isaa irra taa'ee yammuu deebi'u kitaaba raajicha Isaayyaas dubbisa ture <sup>29</sup>Hafuurris Filiiphoosiin "Deemi gara gaarii (sargallaa) kanatti dhiyaadhu" jedheen. <sup>30</sup>Kanaafuu Filiiphoosis dafee gara isaa dhaqee raajii Isaayyaas otoo dubbisuu dhagayee "Waan dubbisaa jirtu kana hubbattaayii?" jedheen. <sup>31</sup>Innis akkana jedhe "otoo namni naa ibsuu hin jiraatiin, akkamittin beekuu danda'aa?" Innis akka Filiiphoos gaarii (sargallaa) isaa bahee isa bira taa'uu afeere. <sup>32</sup>Kutaan kitaabni namichi Itiyoophiyaa dubbisaa jiru sun kanaa dha; "Inniakkuma hoolaa bakka qalamutti hoofame akkuma ilmoo hoolaattis fuldura rifeensa isaa muranii caldhisuutti, akkasuma afaan isaa hin baanne. <sup>33</sup>Gad-ofi qabuu isaatiin murtii qajeelaa dhabe waayee dhaloota isaa guutummaan eenyutuu dubbachuu danda'a? Jirenyi isas lafa irraa fudhatameera." <sup>34</sup>Kanaafuu namichi fuudhoo hin dandeenye kunis Filiiphoosiin, "Siin kadhadha, natti himi raajichi waa'ee eenyu dubbata, waa'ee ofii isaati moo waa'ee nama biraati?" jedheen gaafate. <sup>35</sup>Filiiphosis waayee kitaaba kanaa jalqabaa irraa kaasee Wangeela waayee Iyyasuus lallabef. <sup>36</sup>Isaanis otuma deema jiranu daandii irratti bishaanitti dhufan, achumaan namichis akkana jedhe "Laali, kunoo bishaan as ni jira. <sup>37</sup>Akkan hin cuuphamne maaltuu na doowwa? Namni Itiyoophiyaa kunis akka gaaricha (sargalicha) dhaaban godhe. Innii fi Filiiphoos, isaan lachuu bishaan keessa bu'ani Filiiphoos isa cuuphe. <sup>38</sup>Yammuu bishaan keessaan bahan Hafuura Gooftaa Filiiphoos fudhate, namichi fuudhoo hin dandeenye kanaan booda isaa hin argine, garuu baay'ee gamadaa karaa isaa deeme. <sup>40</sup>Filiiphoos garuu Azaaxoos keessatti muldhachuun hanga gara Qiisaariyaa dhufuutti naannoo sana keessa deemuun magaalotaa hunda keessatti Wangeela lallabe.

## Chapter 9

<sup>1</sup>Saa'ool garuu ammas, barattota Goftaa ajjeesuuf dubbachaa akkanumas dorsisaa gara luba ol-aanaa deeme.

<sup>2</sup>Innis nama kamyuu dhirootas ta'ee dubartoota isaan karaa kana (wangeelaa) jala jiran hunda hidhe gara Iyyaruusaaleemitti fiduu akka danda'u manaa sagadaa Damaasqoo jiraniif akka barreessuuf lubbicha gaafate.

<sup>3</sup>Otuma deema jiruu yammuu gara Damaasqootti dhiyaatu battaluma ifti samiidhaa naannawa isaatti calaqise.

<sup>4</sup>Innis lafatti kufuun sagaleeakkana isaan jedhu dhagayee "Saa'ool, Saa'ool maaliif na ariiyatta?"<sup>5</sup>Saa'oolis deebisu, "Ati eenyuu dha, Gooftaa?" Gooftaanis "Ani Iyyasuus isa ati ariyachaa jirtuu dha" jedhee. <sup>6</sup>Ammas ka'i gara magaalaatti seeni, waan gochuu qabdus sitti himama." <sup>7</sup>Namootni Saa'ool waliin deema jiraniyyus sagalee dhagahuu malee nama tokkollee waan hin argineef otoo homaa hin dubbatiiin dhabatan.<sup>8</sup>Saa'oo lafaa ol-ka'e, yammuu ija isaa banuus, waan tokkollee arguu hin dandeenye, kanaafuu isaan harka qabuun gara Damaasqootti isa fidan. <sup>9</sup>Ijii isaa guyyoota sadiiyif homaa arguu hin dandeenye, homaa hin nyaannes, hin dhugnes.<sup>10</sup>Damaasqoo keessa barataan maqaan Hanaaniyaa jedhamu tokkotu ture. Gooftaanis muldhataan "Hanaaniyaa" isaan jedhe. Innis "O yaa Gooftaa, asin jiran" jedhee. <sup>11</sup>Gooftaanisakkana isaan jedhe "Ka'i, karaatti bayiitti gara daandii sororaa jedhamee waamamu gara mana Yihuudaa deemii nama Xarsees isa Saa'ool jedhamee waamamu kan kadhannaar irra jiru barbaadi. <sup>12</sup>Innis namni Hanaaniyaa jedhamu gara isaa dhufee harka irra kaa'uun kadhatueeffi yammuu arguu danda'u muldhata argee jira.<sup>13</sup>Garuu Hanaaniyaan "Gooftaa, ani namoota baay'ee irraa waayee nama kanaa, akka inni qulqulloota kee Iyyaruusaaleem keessa jiraatan irra ammam akka hameenya hojjate dhagayeen jira. <sup>14</sup>Innis namoota as-jiran isaan maqaa kee waaman hunda hidhaa keessa galchuuf angoo luba ol-aanaa irraa argatee jira" jedhee deebiseef. <sup>15</sup>Garuu Gooftaanakkana isaan jedhe "Deemi, akka inni uummata warra ormaa, mototaa fi ilmaan Israa'eelitti fulduratti maqaa koo baatuuf mi'a (meeshaa) naaf filatamee dha. <sup>16</sup>Anis akka inni waayee maqaa kootiiti jedhee rakkinni guddaa irra gahuu ittin agarsiisa."<sup>17</sup>Hanaaniyaanis dhaqee mana sana keessa seene. Harka Isaas issa irra kaa'ee,akkana isaan jedhe "yaa obbollessa koo Saa'ool, Gooftaan Iyyasuus inni otoo ati dhufaa jirtu karaa irratti sitti muldhatu suun akka atti argituu kee fudhatuu fi Hafuura Qulqullutiin guutamuu dandeessuu sitti na erge. <sup>18</sup>Battaluma saan bu'e, argituu ija isaan ni fudhate, olka'eessi ni cuuphame. <sup>19</sup>Nyaata nyaachuun ni jabate. Innis Damaasqoo keessa barattoota waliin guyyota baay'eef ture. <sup>20</sup>Innis ennasuma mana sagadaa keessatti ka'e. <sup>21</sup>Isaan issa dhagahaa jiran hundumtuu ajaa'ibfachuuun "Namni kun namoota Iyyaruusaaleem keessa jiraatan kanneen maqaa kana waaman balleessuuyyu sanaadhaa miti? Kan as-dhufefis isaan hidhee gara luba ol-aanaatti geessuudhaafi. <sup>22</sup>Saa'ool garuu baay'ee jajjabaachuu dhufe; Ayihuudoota warra Damaasqoos jiraatanii Iyyasuus inni Kiristoos ta'uu isaa ragaalee baay'ee dhiyeesuun isaan qaanesse.<sup>23</sup>Guyyoota baay'een booda, Ayihuudootni tokkummaan issa ajjeesuuf karoorfatan. <sup>24</sup>Karoorri isaanii garuu Saa'ool biratti kan beekame ta'e. Isaanis issa ajjeesuuf halkanii fi guyyaa balbaloota magaalichaa eegu turan. <sup>25</sup>Hordoftootni isaa garuu halkaniin fuudhanii zanbiila keessa kaa'uun dallaarraan gara alaatti issa buusan. <sup>26</sup>Yammuu inni gara Iyyaruusaaleem dhufe, Saa'ool barattootatti makamuu barbaadee ture, issaan garuu akka inni barataa ta'e waan hin amanneef hundi isaanii issa sodaatan. <sup>27</sup>Barnaabaas garuu issa fuudhuun gara ergamotoottati fide, akkamitti akka Saa'ool daandii irratti Gooftaa argee fi Gooftaanis akka isatti dubbate, Saa'oolis Damaasqoo keessatti ija jabeenyaan maqaa Gooftaa Iyyasuusiin dubbate isaanitti hime. <sup>28</sup>Saa'oolis issaan waliin bahee gala ture. Ija jabeenyaan maqaa Iyyasuusiin dubata ture. <sup>29</sup>Yihuudota Giriikii dhufan waliinis walmorma, issaan garu issa ajjeesuuf barbaadan. <sup>30</sup>Obboloonnis yammuu kana beekan, gara Qiisaariyaatti gad-buusani gara Xarseesitti issa ergan.<sup>31</sup>Kanaafuu, waldaan Yihuudaa, Galilaa fi Samaariyaa keessa jiran hundumtuu, nagaa argatan, ni jabaatanis, akkasumas sodaa Gooftatiin deddeebi'aa Hafuura Qulqullutiin jajjabaatan, waldaanis lakkofsaan guddachaa deeman. <sup>32</sup>Otoo kunakkana ta'aa jiru Pheexiroos naanno sana hunda keessa adeemaa jiru, gara qulqulloota Waqqayyoo issaan magaalaa Liidaa keessa jiraatannitti gad-dhufe.<sup>33</sup>Achitti nama tokko kan Eniyaa jedhame waama.u, sababa laamsha'aa ta'eef kan waggoota saddeetiif siree irra ciisaa ture arge. <sup>34</sup>Pheexiroosis "Eniyaa Iyyasuus Kiristoos si fayyisee jiraa, ka'iitii siree kee hafadhu" issaan jedhe; Innis ennasuma ka'e. <sup>35</sup>Kanaafuu namootni Liidaa fi shaaroonaa keessa jiraatan hundi nama kana arguu gara Gooftatti dacha'an. <sup>36</sup>Yoophee keessa baratuun maqaaan ishii Xabiitaa (hiikni issaan Doorqaa jechuu dha) jedhamtu tokkotu ture. Dubartiin kunis gochoota gaarii hojjachuuun kan guutamtee fi iyyeyyiidhaafis kan arjoomtuu dha. <sup>37</sup>Guyyootuma sanatti dhukkubsachuun duute, namootnis reenfa ishii dhiqanii kutaa ol-gubbaa (fooqii) jiru tokko keessa ciibsan.<sup>38</sup>Lidaan Yoophee dhiyoo waan taateef, baratoontiis akka Pheexiroos achi jiru dhagahan, issaanis namoota lama gara issaatti ergani "Otoo hin turii dafi nutti kootu" jedhanii kadhatan. <sup>39</sup>Pheexiroosiis ka'ee jara waliin deeme, yammuu achi gahuus issa fuudhanii gara kutaa ol-gubbaatti (fooqiitti) baasan, dubartootni dhirsaa hinqabne hundi issaanii issa bukkee (cinaa) dhaabachuuun uffata (huccuu) addaa addaa kan Doorqaan yammuu issaan waliin jirtu kan hojjatte itti argisiisuun boo'an.<sup>40</sup>Pheexiroosis

hunda isaanii kutaadhaa gara alaatti isaan baase, jilbeefates kadhate, gara reenfaatti gargalee,akkana jedhe, "Xaabiiata ka'i." Akkasumaan ishiinis Ija ishii baantee Pheexiroos argitee kaatee teesse.<sup>41</sup>Achiin Pheexiroos harka ishii qabuun ol kaase, yammuu inni qulqullota Waaqayyoo fi dubartoota dhirsa hin qabne waamee jiraa ishii isaaniif kenne.<sup>42</sup>Waanitii kun Yoophee hunda keessatti beekame, uummanni baay'eenis Gooftaatti amanan.<sup>43</sup>Waanitii kunis akka Pheexiroos guyyota dheeraaf Yoophee keessa nama maqaan isa Simi'oon jedhamu isa gogaa (kaldhee) duugu waliin turu taasise.

## Chapter 10

<sup>1</sup>Namni Qisaariyaa keessa jiraatuu tokko kan maqaan isaa Qornooliwoos jedhamutu ture, innis kutaa humna waraana xaaliyaaqii keessatti ajajaa dhibbaa ture. <sup>2</sup>Innis maatii isaa hunda waliib jirenya hafuuraatiin cimanifi kan Waaqayyoo sodaatan, warra harka-qaldheeyyi (hiyyeeyyi) dhaa arjummaadhaan kenna kenuu, akkasumas walitti fufiinsaan Waaqayyoo kadhatu ture. <sup>3</sup>Innis guyyaa keessaa gara sa'atii sagaliitti, Maleekaan Waaqaa gara isaa dhufu muldhataan ifatti arge. Maleekichis "Qornooliwoos" isaan jedhe. <sup>4</sup>Qornooliwoosiis naasuun xiyyefannaan maleeka ilaaluun sodaadhaan akkan isaan jedhe; "Yaa Gooftaa, maalii dha?" Maleekichis immoo akkana isaan jedhe "Kadhanni keefuu kenni ati goote arsaa ta'ee fuldura Waaqayyoo yaadannoo ta'ee ga'eera.

<sup>5</sup>Ammas gara magaalaa yoopheetti namoota ergitii isaanis nama maqaan isaa Simi'oon innis Pheexiroos jedhamee waamamuu haa fidan. <sup>6</sup>Innis nama Simi'oon jedhamu, isa gogaa (kadhee) duugu kan manni isaa qarqara galaanaa ta'e waliin jiraata. <sup>7</sup>Yammuu Maleekicha inni isa waliin dubbataa ture dhiisee deemu, Qornooliwoosis namoota mana isaa keessa tajaajilan keessaa lamaan isaaniifi akkasumas waardiyoota keessa tokko kan jirenya hafuuraatiin cimaa ta'eef isaaafis amanamaa ta'e. <sup>8</sup>Qornooliwoosis waan ta'e hunda isaaniitti humuun gara yoopheetti isaan erge. <sup>9</sup>Guyyaa itti fufutti warri ergaman sun otuma adeemaa jiranu yammu gara Magaalaatti dhiyaatan, yeroo gara sa'atii jahaatti, Pheexiroos kadhannadhaaf gara manaa isa kutaa ol-gubbaatti baye. <sup>10</sup>Innis beelayee waa nyaachuu barbaade, otuma namootni nyaata qopheettaa jiranu, muldhanni itti dhufe.

<sup>11</sup>Innis samii baname yammuu wanti akka huccuu guddaa tokko marame gara lafaatti karaa kallatti arfaniinu gadi bu'u arge. <sup>12</sup>Isa keessas wantootni adda addaa hundi horiin miila afuriin deeman, wantootni lafa irra lowan fi simbiroon samii hundatu jira ture. <sup>13</sup>Ennas sagaaleen "Pheexiroos, ka'iiti qalii nyaadhu" jedhu dhagaye.

<sup>14</sup>Pheexiroos garuu "Lakki, yaa Gooftaa, ani takkuma waan xuraa'aa fi hin qulqullofne nyaadhee hin beeku" jedhe. <sup>15</sup>Sagaleen yeroo lammaffaaf deebise itti dhufe "Waan Waaqayyoo qulqulluu taasisee hojjate, ati xuraa'aadha jettee waamuu hin dandeessu." <sup>16</sup>Kunis yeroo sadii ta'e, achuumaan waanti akka huccuu sun battaluma gara samii keessaatti olfadhatame. <sup>17</sup>Otuma Pheexiroos waay'ee waantii muldhataan arge sun maal akka ta'e baay'ee bitaa itti galee jiru, namootni isaan Qornooliwoos erge sun mana iyyaafachaa dhufanii balbala irra dhaabatan. <sup>18</sup>Isaanis sagalee ol-kaasanii akka Simii'oon inni Pheexiroos jedhamu, achi jiraachuu gaafatan.

<sup>19</sup>Otuma Pheexiroos waa'ee muldhatichaa yaadaa jiru, Hafuurri "Kunoo, namootni sadii si-barbaadaa jiru" isaan jedhe. <sup>20</sup>"Ka'iti gadi bu'i, isaan waliins deemi. Anatu erge waan ta'eef, isaan waliin deemuf hin mamiin." <sup>21</sup>Kanaafuu Pheexiroos gara namootaati gadi bu'eeakkana jedhe "Ani isa isin barbaaddanii dha, maaliif dhuftanii?" <sup>22</sup>Isaniis akkana jedhan "Nuti ajajaa dhibbaa, kan maqaan Qornooliwoos jedhamu biraadhu, innis nama qulqullu fi Waaqayyoo sodaatu dha, saba Yihuudotaa hunda biraattis kan fudhatama qabu, innis si waamee ergaa atti dubbattu dhaga'uuf ajajame." <sup>23</sup>Pheexiroosis namoota kana akka mana seenanii isaa waliin turan affere. <sup>24</sup>Isaanis guyya itti fufu gara Qiisaariyaa dhufan. Qornooliwoosis isaan eega ture, innis firoota isaa fi hiriyootta itti dhiyaatan walitti waame. <sup>25</sup>Akkuma Pheexiroos dhufee mana seeneen, Qornooliwoos simachuun isaa sagaduuf miila isaa jallatti kufe. <sup>26</sup>Pheexiroos garuu akka olka'u gargaaruun "Ka'ii dhaabadhu, ani immoo namaa dha" jedheen. <sup>27</sup>Yammuu Pheexiroos isaa waliin haasa'aa gara keessaa seenu uummata baayinaan walitti qabaman arge. <sup>28</sup>Innis akkana isaanin jedhe "Akka namni Yihuudaa tokko namoota alaa (ormaa) waliin jiraachuu yookin dhaqee ilaaluu (mildhachuu) hin dandeenye seeraan dhoowwamaa akka ta'e isinumti ofuma keessaniinuu ni beektu. Garuu Waaqayyoo akkan ani kaminiyyuu xuraa'aa dha yookin qulqulluu mitti hin jenneen natti muldhisee jira. <sup>29</sup>Sababa kanaafi, yaammu natti ergamu kanan ani mamii malee dhufe. Kanaafu akka maaliif namoota natti ergitaniifin isin gaafaa dha. <sup>30</sup>Qornooliwoosis "Guyyoota afuriin dura sa'atidhuma kanatti, ani manuma kootti sa'atii saglaffaatti kadhata irran jira ture, battaluma namni uffata (huccuu) calaqisu uffatu tokko fuldura koo dhaabate" jedhe. <sup>31</sup>Innis "Qornooliwoos, kadhannaan kee Waaqayyo biratti dhagahamee jira, kenni (arsaan) kees Waaqayyoo biratti si yaadatameera. <sup>32</sup>Kanaafuu gara Yoopheetti nama ergi, Simi'oon isaa Pheexiroos jedhamee waamamu sana gara keetti waami. Innis mana nama gogaa (kaldhee) duuguu isaa Simi'oon jedhame waamamu waliin qarqara galaanaa jiraata" jedheen. <sup>33</sup>Anis yeroodhuma sanattiin nama sitti erge. Atis dhufuu keetti gaarii goote. Amma kun nuti hundi keenya waan Gooftaan siin jedhee ati nu barsiiftuu dhagayuuf as ija Waaqayyoo fulduratti argamnee jira. <sup>34</sup>Akkasuma Pheexiroos akkana jedhe "Dhugaadhumaan akka Waaqayyo nama wal-hin caachifne hubadhe. <sup>35</sup>Haa ta'u garu, saba hunda keessaa nama isaa sodaatuuf waan sirrii (gaarii) Waaqayyoo fulduratti fudhatama qabu hojjatuu hundi ni simatama. <sup>36</sup>Isin ergaa Waaqayyoo uummata Israa'eelitti, yammuu inni oduu gammachisaa waa'ee nageenyaa karaa Iyyasuuus Kiristoos, isaa Gooftaa hundaatiin ergu dhageessanii jirutu. Waan Yihuudaa hunda keessatti kanaan dura yeroo tokkotti uumame isin ofuma kessanii ni beektu. <sup>37</sup>Isin waan cuuphaa Yoohannis Galilaa irraa jalqabee Yihuudaa hunda keessatti lalabee kanaan dura yeroo tokko uumame isin ofuma keessaniin ni beektu. <sup>38</sup>Waantichis waa'ee Iyyasuuus nama

Naazireet, akkamitti akka Waaqayyoo Hafuura Qulqulluu fi humnaa isa dibee dha. Innis waan gaarii hojjachuu fi namoote isaan hafuuri hamaan garboomse hunda fayysiun naannayee, Waaqayyoos isa waliin jira ture.<sup>39</sup> Nuttis waan Iyyasuus biyyaa Yihuudaa fi Iyyaruusaaleem lachuu keessatti hojjate hundaaf dhugaa baatota. Isaanis fannoo mukaa irratti isa fannisuun ajeessan.<sup>40</sup> Waaqayyoo garu guyyaa sadappaatti isa kaasee akka muldhatu isa godhe.<sup>41</sup> Uummata hundatti miti, garuu erga du'aa ka'ee booda waliin nyaanne dhugnees, dhugaa baatota isaas taane. Waaqayyo dursee nu filatetti malee.<sup>42</sup> Innis akka nuti namootaaflallabnuu fi akka inni nama Waaqayyoo warra jiraataa fi warra du'ani irratti abbaa murtii godhee angoo kenneefii akka dhugaa baanuuf nu ajaje.

<sup>43</sup>Raajonnis waa'ee isaa akka namni hunduu isaan isatti amananii maqaa isaattiin dhifama cubbu fudhatan dhugaa bahanii jiru.<sup>44</sup>Otuma Pheexiroos waanneen kana dubbachaa jiru, Hafuurri Qulqulluu ergaa kana dhagahaa jiran hunda isaanii guute.<sup>45</sup>Uummatni isaan garee warra kittaanamani, amanan, isaan Pheexiroos waliin dhufan. Sababa kenni Afuura Qulqulluu uummata ormaa irratti dhangala'u yammuu argan diniqfatan.

<sup>46</sup>Isaanis waan uummatni ormaa kun afaan haaraadhaan dubbatanii fi Waaqayyoo ulfeessan dhagahaniif. Pheexiroosis deebiseef<sup>47</sup>"Namootaakkuma keenya isaan Hafuura Qulqulluu fudhatan kana akka hin cuphamnee bishaan irraa isaan dhowuu danda'u jiraal!"<sup>48</sup>Ennasuma innis akka maqaa Iyyasuus Kiristoosiin cuphaman isaan ajaje. Isaanis akka Pheexiroos guyyoota gabaabaaf isaan waliin turuuf gaafatan.

## Chapter 11

<sup>1</sup>Amma ergamootnii fi obboloonii isaan Yihuudaa keessa jiraatan akka warrii ormaas dubbii Waaqayyoo fudhatan dhagayan. <sup>2</sup>Yammuu Pheexiroos gara Iyyaruusaaleemitti oldhufu, isaan warri garee kittaanamanii jala jiran yaada mormii isa irratti kaasan. <sup>3</sup>Isaanis "Ati namoota hin kittaanamne waliin hirmaachuun isaan waliin nyaatte" jedhaniin.<sup>4</sup>Pheexiroos garu waan ta'e baldhinaanakkana jechuun isaaniif ibsuu jalqabe,<sup>5</sup>"Otoon ani magaalaa Yoophee keessatti kadhanaa irra jiruu, yaada qalbeeffanna keessa muldhataan yammuu waanti tokko uffata (huccuu) guddaa (baldhaa)dhaan qabamee kallatti arfaniinuu samiidhaa gad-bu'un arge. Innis gara kootti gad-bu'e. <sup>6</sup>Anis itti xiyyefachuu waa'ee isaa yaade, beeyladoota miila afuri, bineensota bosonaa wantoota lafa irra lo'anii fi simbiroota samii arge."<sup>7</sup>Anis sagaleen "Pheexiroos, ol-ka'i qaliitti nyaadhu!" jedhu yammuu natti dhufuun dhagayee.<sup>8</sup>Anis "Hin ta'u, yaa Gooftaa, waanti qulqulluu hin taane yookin waantii xuraawaan takkumaa afaan koo keessa hin galle." <sup>9</sup>Garuu sagaleen samii irraa "Waan Waaqayyoo qulqulleeseen ati xuraawaa dha hin jedhiin" jedhe. <sup>10</sup>Kunis yeroo sadii ta'e, akkasumaan waantii hunduu deebi'ee gara samii keessatti ol-fudhatame. <sup>11</sup>Enaadhma sana, namootni sadii, isaan Qiisaariyya dhaa gara koottii ergamanii fuuldura mana nuti keessa turre dura dhaabatan. <sup>12</sup>Hafuuris akkan isaan waliin deemuu na ajaje, anis otoon waan addaa (garaa garummaa) hin uumne. Obboloonni ja'an kunis ana waliin deeman, nutis mana namichaa deemne. <sup>13</sup>Innis akkamitti innifi maatiin isaa, akkamiitti akka Maleekini mana isaa keessa dhaabate nutti hime. <sup>14</sup>Innis ergaa isa atiifii maatiin mana keetii hundi ittiin fayyitan sitti hima. <sup>15</sup>Akkuman isaanitti dubbachuu jalqabee, Hafuurri Qulqulluun akkuma gaaf-jalqabaa narratti dhufe, akkasuma isaan irrattis dhufe. <sup>16</sup>Ani dubbiwwan Gooftaa, akkamitti inni 'Yohaannis bishaaniin cuuphe, isin garuu Hafuura Qulqullutiin cuuphamtu' jedhe nan yaadadhe.<sup>17</sup>Kanaafuu yoo Waaqayyo kennaa yammuu nutti Gooftaa Iyyasuus Kiristoositti amannu nuf kenne sana akkasuma isaaniifis kenne, ani eenyuudha, inni ani Waaqayyoon murmuu danda'u?"<sup>18</sup>Yammuu isaan wantoota kana dhagayan, waaan jedhanii deebisan dhaban, garuu Waaqayyo ulfeessan,akkana jedhan "Waaqayyo warra ormaas gara jireenyaatti fiduuf jijiirraa yaadaa isaaniif kenne."<sup>19</sup>Sababa ariiyatamni Isxiifanoos irratti ka'een warrii bittinaa'an sun Phoonqee, Qopherosii fi Antsookiyyaa keessatti dubbi Waaqayyoo Yihuudoota qofaaf lallabaa adeeman. <sup>20</sup>Garuu isaan keessa namootni muraasni Qophiroosii fi Qareenaadhaa dhufan gara Antsookiyyaa dhaquun wangeela waa'ee Gooftaa Iyyasuus warra Giriikotaatiifis immoo lallaban. <sup>21</sup>Harki Gooftaas isaan waliin jira ture, namootni baay'eetti lakkaa'amanis amanuu gara Gooftaatti deebi'an.<sup>22</sup>Oduun waa'ee isaan gara gurra waldaa Iyyarusaaleem keessa jirtuutti dhufe. Kanaafu, isaanis gara Antsokiyatti Barnaabaas ergan. <sup>23</sup>Innis yammuu dhufee ayyaana (kenna)Waaqayyoo argu baay'ee gamadee akka onneen hunda isaanii Gooftaadhaa ciman usaan jajjabeesse. <sup>24</sup>Innis nama gaarii, Hafuura Qulqulluu fi amantiidhaan guutame ture, namootni baay'eenis gara Gooftaatti dabalamanii turan.<sup>25</sup>Barnaabaas sirritti Saa'ool barbaacha gara Xarsees deeme. <sup>26</sup>Innis yammuu isa argu, gara Antsookiyyatti isa fide, gara guutuu waggaan tokkoo waldaa waliin walitti qabamaa uummata baay'ee ta'an barsiisan. Barattootnis Antsookiyyatti yeroo jalqabaatiif Kiristaanota jedhamanii waamaman.<sup>27</sup>Guyyootuma kanatti raajotni tokko tokko Iyyaruusaaleemii gara Antsookiyyatti dhufan. <sup>28</sup>Isaan keessa tokko, kan maqaan isa Agaaboo jedhamu, ka'ee dhaabate Hafuuraan akka beelli guddaan addunyaa hunda irratti ta'u agarsiise. Kunis bara Qalaadiwoos keessa raawwatame.<sup>29</sup>Kanaafuu barattotni hundi isaanii ammuma ofii danda'an gargaarsa walitti qabanii obboloota Yihuudaa jiraniif erguudhaaf murteessan. <sup>30</sup>Isaanis kana ni godhan, harka Barnabaasii fi Saa'ooliitti qarshii jarsooliidhaa ergan.

## Chapter 12

<sup>1</sup>Baruma sanatti Heroodis inni mooticha namoota waldaa jala jiran tokko isaan irratti harka isaa diriirsuun isaan jeeqa ture. <sup>2</sup>Innis Yaa'iqoob isa obbolleessa Yohaannis guraadee (mencaa)dhaan morma irraa kutuun ajjeesse. <sup>3</sup>Gochi kunis akka Yihuudota gammachiise yammu arge Pheexiroosis dabalee qabe. Sunis yeroo ayyaana qiixxa keessa ture. <sup>4</sup>Innis erga isa qabee booda, gara mana hidhaatti isa darbachuun booda akka isa eeganiif loltoota gareewwan afuri isa irratti ramade. Innis ayyaana Faasigaatiin booda akka gara fuldura uummataatti isa fidaniif yaadeeti. <sup>5</sup>Kanaafu Pheexiroos mana hidaa keessatti eegama ture, haa ta'u malee waldaa keessatti waa'ee isaa kaadhannaan cimaan gara Waaqayyootti ni taasifama ture. <sup>6</sup>Halkanuma sana, Heroods rakkina isa irratti uumuuf waan yaadeef otoo gara uummataatti hin baasiinin dura, Pheexiroos sansalata lamaan hidhame loltoota lama walakaa rafa ture, waardiyooni eeganis balbala dura dhabachuun mana hidhaa to'atu turan. <sup>7</sup>Battaluma sana Maleekni Gooftaa tokko muldhate, kutaa mana hidhaa sana keessattis ifti ife. Maleekni sunis cinaacha Pheexiroos dhawun dammaqsuun akkana isaan jedhe "Daddafii ol-ka'i" sansalanni harka isaattis irraa harca'e. <sup>8</sup>Maleekichis "Uffata (huccuu) kee uffadhu, kophee kees godhadhu" isaa jedhe. Pheexiroosis akkanuma godhe. Maleekichis akkana isaan jedhe "Uffata (huccuu) kee isa irraa of-irra buusii na hordofii." <sup>9</sup>Kanaafuu Pheexiroos Maleekicha hordofuun alatti bahe. Innis dhugaa maaltu akka Maleekichaan hojjatama jiru hin beekne. Waan muldhata argu isatti fakkate. <sup>10</sup>Erga waardiyya isa jalqabaa fi isa lammaffa bira darbanii booda, gara balbala sibiilaa isa gara magalaati baasuutti dhufan, innis ofuma isaatti isaanii baname. Isaanis gara alaatti bahun otoo daandii tokko irra gad-deemaa jiranu, Maleekichi isa dhiisee bira deeme. <sup>11</sup>Pheexiroosis yammu gara qalbii isaatti deebi'u, akkana jedhe "Amma ani akka Gooftaan Maleeka isaa naaf ergee harka Heeroodsii fi waan Yihuudootni eegan sana hunda jalaa na baase dhugaadhumaan beekeen jira!" <sup>12</sup>Innis yammu kana hubatu gara mana Maariyaam ishii haadha Yohaannis akkasumas Maarqoos jedhamuu, bakka namootni baay'een walitti qabamanii kadhataa turanitti dhufe. <sup>13</sup>Yammu inni balbala isa alaa rurrukute, intalli tajaajiltuun maqaan ishii Roodaa jedhamtu enyu akka ta'e hubachuuf dhufte. <sup>14</sup>Ishinis yammuu sagalee Pheexiroos ta'uu hubattu waan baay'ee gammaddeef balbala banuu dhiiiftee fiigidde gara manaatti ol-seenuun akka Pheexiroos balbala irra dhaabachaa jiru gabaafte. <sup>15</sup>Isaanis "Ati maraatuudhaa" jedhaniin. Ishiin garu akkasuma akka ta'e itti cimsite. Isaanis "Inni Maleeka isaati" jedhan. <sup>16</sup>Pheexiroos garuu balbala rurrukututti fufe, yammu isaan balbalicha bananis, isa arganii diniqfatan. <sup>17</sup>Pheexiroosii harka itti agarsiisuun akka caldhiisan godhee akkamitti akka Gooftaan mana hidhaa keessaa baasee isa fide isaanitti hime. Innis "Waantota kanneen Yaa'iqoobii fi obbolootaaf gabaasaa" isaaniif jedhe. Achuman bakka sana dhiisuun bakka biraatti deeme. <sup>18</sup>Amma yammuu lafti bari'u, Pheexiroos irratti maaltuu ta'e jechuun loltoota jidduuti jeequmsi xiqaa hin taane uumame. <sup>19</sup>Heerods erga Pheexiroos barbaachise argu hin dandeenyeen booda waardiyyoota sakatta'ee akka ajjeefamani ajaje. Heerodsis Yihuudaadhaa gara Qiisaariyaatti gad-bu'ee achi ture. <sup>20</sup>Heerodsis uummata Xiiroosii fi Siidoonaatti waliin lola qaba ture. Biyyi isaani nyaata kan argatan biyya mootichaati waan tureef, garagaaraa (tajaajila) mootichaaka kan ta'e nama Baalaasxoos jedhamu erga argatiin booda mooticha waliin araaramuuuf tokko ta'anii gaafatan. <sup>21</sup>Guyyaa beellamaa sanatti Heerodsi uffannaa mootii uffachuun teessoo mootitni irra taa'anirra ta'e, innis haasawa isaaniif godhe. <sup>22</sup>Uummatis sagalee ol-kaasuuun "kun sagalee waqaatidha, malee sagalee namaatii miti!" jedhan. <sup>23</sup>Battalumatti sababa inni Waaqayyoof ulfina hin kenninee maleekni Gooftaa isa dhahe, innis raammoor dhaan nyaatame du'e. <sup>24</sup>Dubbiin Waaqayyoo garuu ni dabale, ni babaldhates. <sup>25</sup>Kanaafuu Barnabaasii fi Saa'ool yammuu ergama saanii fixan gara Iyyaruusaaleemii deebi'an. Yohannis isa Maariqoos jedhamuu isaan waliin fidan.

## Chapter 13

<sup>1</sup>Waldaa Ansookiyyaa keessa raajonnii fi barsiisoota jiru ture. Isaanis Barnaabaas, Simi'oон (isa Niigeer jedhamu) Luukiyos Qareenaa, Maanaayeen (isa Heerods, abbaa biyyaa ta'e waliin guddate) fi Saa'ool turan. <sup>2</sup>Yammuu isaan Gooftaa Waaqesani fi xoomaa jiranuu Hafuurri Qulqulluun "Barnaabaasiif Saa'ool hojiin ani isaan waameef naa fo'aa" jedhe. <sup>3</sup>Isaanis erga xoomani kadhatanii fi harka irra kaa'anii booda isaan ergan. <sup>4</sup>Kanaafuu Barnaabaasi fi Saa'ool Hafuura Qulqullutiin ergamanii, gara Saaluuqiyaatti gad-bu'an, achumaan gara Qoophuroositti dooniidhaan deeman. <sup>5</sup>Yammuu magaalaa Saalaamis keessa gahan mana sagadaa Yihuudootaa keessatti sagalee Waaqayyoo lallaban. Yohaannisis akka isaan gargaaruu qabatanii turan. <sup>6</sup>Isaanis biyyoota galaana keessa jiran hunda, kan nama Yihuuda ta'ee raajaa sobaa tokko falalaa maqaan isaas Baryasuus jedhamu achitti argan. <sup>7</sup>Falfalaan kunis namicha beekaa bulchaa biyya kan Sargiwoos Phaawuloos jedhamu waliin ture. Namni kunis sababa dubbii Waaqayyoo dhagahuu barbaadeef Barnaabaasi fi Saa'ool ofitti waamee. <sup>8</sup>Garuu Eliimaas "Inni falfaltichi" (hiiknii maqaa isaatti akkanumaa dha) kun akka namichi bulchaa biyyaa kun amantiirraa deebi'uuf yaalii gochuun isaaniin morma ture. <sup>9</sup>Garuu Saa'ool inni Phaawuloos jedhamee waamamu Hafuura Qulqulluun guutamuun, gara isaa xiyyeffannan ilaaluun <sup>10</sup>akkana jedheen "sii ati diina qajeellumma hundaa,hameenyaa fi dabaan kan guutamte ilma Daabiloos, Ati karaa Gooftaa isa qajeelaa irra dabsuu (jallisuu) kan hin dhabne, siidhaa mitii?"<sup>11</sup>Amma garuu, harkii Gooftaa sirra jira, jaamaa taatas, kanaan booda yeroo muraasaaf illee biiftuu hin argitu." Battalumatti dumessifii dukkanii Eliimaas irratti bu'e, innis nama harka isa qabee isa qajeelchuu barbaada naannawu jalqabe. <sup>12</sup>Bulchaan biyyaa sunis waan ta'a jiru argee amane, barumsa waa'ee Gooftas dinqisiifate. <sup>13</sup>Phaawuloosii fi hiriyooni isaa doonii qopheeffachuu Phaafuudha gara Pherga is Phamfiliyaa keessatti dhufan. Yohaannis garu achumatti isaan dhiisuun gara Iyyaruusaaleemmitti deebi'e. <sup>14</sup>Phaawuloosii fi hiriyooni isaa Pherga dhaa ka'anii gara Antsookiyyaa ishii Phisdiyaatti argamtuutti deeman. Isaanis guyyaa Sanbataas gara mana sagadaa keessa seenanii taa'an. <sup>15</sup>Erga kitaaba seeraa fi raajotaa keessa dubbifamee booda, geggeesitootni mana sagadaa "Yaa obboloota ergaa uumata asi jiran jajjabeessu yoo qabaattan, dubbadhaa" jechuun isaanitti ergan. <sup>16</sup>Phaawuloosis ol-ka'ee harka isa olqabuun "Yaa namoota Israa'eel fi isin warri Waaqayyo soddaattan, dhagaha. <sup>17</sup>Waaqni saba Israa'eel kanaa abbota keenya filatee otoo isaan biyyaa Misira keessa jiraata turan isaan ulfeesse, irree isaa isa cimaadhaa achi baasee isaan geggesse. <sup>18</sup>Lafa onaa keessa gara waggota afurtamaa obsa isaa isaanirra godhe. <sup>19</sup>Erga saboota torba kanneen biyya Kana'an keessa jiran barbadeessee booda, Ifa isaanii uummata keenyyaa kenuun dhaalchise. <sup>20</sup>Waantootni kun hundu waggota 450 olfudhate. Waantoota kana hunda booda, waaqayyo hanga Saamu'eel isa raajichaatti abboota firdii isaaniif kenne. <sup>21</sup>Yammu uummani akka mootiin isaaniif kennamu isa gaafatan Waaqayyoo Saa'ool ilma Qiis, nama qomoon isaa Biniyaam ta'e, isaaniif kenne, innis waggota afurtama isaan mo'ee. <sup>22</sup>Erga Waaqayyoo mootumma irraa isa buusee, Daawiit akka mootii isaanii ta'u kaasee, Waaqayyoos waa'ee Daawiit "Ani nama akka garaa kootii ta'e Daawiit ilma Iseeyi argadheera, inni waan ani akka hojjatuuf barbaadu hunda ni hojjata" jedhee dhugaa isaaf bahe. <sup>23</sup>Sanyiidhuma nama kanaa irraa Waaqayyoo fayyisaa, Iyyasuus, Israa'eelif fiduudhaan akkuma akkuma abdachise godhe. <sup>24</sup>Otoo Iyyasuus hin dhufiiniin dura Yohaannis cuuphaa qalbiijiirachuu saba Israa'eel hundaaf lallabe. <sup>25</sup>Yohaannis ergama usaa otoo xumuraa jiruu; "Isin akkan ani eenu ta'e yaaduu?" jedhe. Ani mee isaa dha miti. Dhageeffadhaa, garuu kophee miila isaa hiikuuf kaniin ani ga'uumsa hin qabne tokko inni na duubaan ni dhufa" jedhe. <sup>26</sup>Yaa obboloota ilmaan sanyii Abrihaam, akkasumas isaan Waqa sodaataa walakkaa keessan jiran, waanti kun, inni ergaa waa'ee fayyinnaa ta'e nuuf ergame. <sup>27</sup>Warra isaan Iyyaruusaaleem keessa jiraatanii fi bulchoonni isaani warra Iyyasuus hin beekne (hubanne) haa ta'u malee sagaleen raajotaa inni guyyaa sanbataa hunda dubbisan sun akka raawwataamuuf isatti faradan. <sup>28</sup>Sababa ajjeechaan isa gahu yoo argachuu baatan baatanille, akka isa ajjeesuuf Philaaxoos waaman. <sup>29</sup>Yammuu waa'ee isaa waantootni barreeffaman hundi raawwatan, fannoo irraa isa gad-buusani awwaala keessa isa ciibsan. <sup>30</sup>Waaqayyoo garuu du'a keessaa isa kaase. <sup>31</sup>Galiilaa irraa jalqabee hanga Iyyaruusaaleemmitti kanneen isa waliin guyyoota baay'ee itti muldhatee jira. Namootni kun amma uummata hundaaf dhugaa baatota isati. <sup>32</sup>Kanaafuu nuti oduu gammachisaa, abdii abboota keenyaaf kennamee ture sana isinitti himna. <sup>33</sup>Waaqayyoo Iyyasuus du'aa kaasuun kakuu nuuf ilmaan isaanitiif raawwate. Akkuma Kiitaaba Faaruu boqonnaa lama keessatti akkana jedhamee barreeffame "Ati Ilma kootii hardha Ani Abbaa kee ta'eera." <sup>34</sup>Akkuma inni du'aa isa kaase malee gonkumaa deebi'ee akka hin bosbosne, inniakkana dubbate. "Ani eebbaa isa qulqulla'a fi mirkanaa'a Daawiitiif abdii galamen isinii kenna." <sup>35</sup>Kanaafu Faarfannaa keessatti bakka biraatti akkuma jedhame "Ati qulqulicha kee akka bosbosuuf dabarsitee hin kennitu." <sup>36</sup>Dawiit bara isaa feedhii Waaqayyoo tajaajilee boqote, abboota isaa walii ciisee foon isaa bosbosa arge. <sup>37</sup>Inni garuu kan Waaqayyoo du'aa isa kaase bosbosa hin argine. <sup>38</sup>Kanaafuu, yaa obboloota, karaa nama kanaatiin dhiifamni cubbuu akka isiniif lallabame, isinnitti kan beekame

haa ta'u. Seerri Musee isin qulqulleessuu hin danda'u.<sup>39</sup> Waaqayyoo garu nama kanaan isaan amanan hundaaf qulqullina kenneera.<sup>40</sup> Kanaafuu isin waan raajonni dubbattan sun isin irratti akka hin raawwatamnee ofeegadha.<sup>41</sup> Isin warri qoostan ilaala diniqfadha, badaas eenyumtuu yoo isinitti hime waan isin hin amanneen ani bara keessanitti hojjadha.<sup>42</sup> Phaawuloosii fi Barnaabaas otoo bahaah jiranu, uummani dubbiidhuma akkanaa hanga sanbata itti fufuutti akka deebisan dubbatan isaan kadhatan.<sup>43</sup> Yammuu wal-gaiin mana sagadaa raawwatu, Yihuudootni fi namootni amantii fudhatanii itti ciman baay'een isaanii Phaawuloosii fi Barnaabaas hordofan, isaanis isaan waliin dudubbachuu akka ayyaana Waaqayyootin cimuu itti fufan isaan gorsan.

<sup>44</sup> Sanbata itti aanuutti uummanni magaalichaa hunda ta'an dubbi Gooftaa dhaga'uuf walitti qabaman.

<sup>45</sup> Yihuudotni yammu tuuta kana argan inaaffaadhaan guutaman, faallaa dubbii Phaawuloosiif Barnaabaas dubbatanii dubbachuudhaan isaan arrabsan (habaaran)<sup>46</sup> Phaawuloosiif Barnaabaas garuu sodaa tokko malee akkana jechuun dubbatan "Duraan dursee dubbiin Waaqayyoo isinitti himamuun barbaachisaadha ture, isin immoo dubbii kana ofi irraa dhiibuun jireenyi barabaraa akka waan isini hin malleetti of-gootan, ilaala, nuti amma gara warra ormaatti gargalla.<sup>47</sup> Gooftaanakkana jedhee waan nu ajajeef "Ani akka ati namoota ormaati ifa taate hanga qarqara lafaatti fayyina fidduuf si fildheera."<sup>48</sup> Akkuma namootni ormaa waan kana dhaga'aniin baay'ee gamadanii dubbii Gooftaaas ulfeessan. Warri jirenya barabaraatii filaataman hundis amanan.<sup>49</sup> Dubbiin Gooftaa naannoo sana keessa hundatti babaldhate.<sup>50</sup> Yihuudotni garuu dubartoota amantiin ciccimoo ta'aniifi kan jiruudhaan ulfina qaban akkasumas dhirota magaalattiti bebbeekamoo ta'an kakaasan. Isaani Phaawuloosiif Barnaabaas irratti ari'anna kaasanii naannoo isaanitti baasan.<sup>51</sup> Phaawuloosiif Barnaabaas gara warra isaan mormaanitti awwaara miila isaanii dhadha'an. Isaanis achumaan gara magaalaa Iqooniyaa deeman.

<sup>52</sup> Baratoontnis gammachuuf Hafuura Qulqullutiin guutaman.

## Chapter 14

<sup>1</sup>Phaawuloosiif Barnaabaas akkuma muuxanno kanaan duraatti Iqooniyamitti mana sagada Yihuudootaa waliin seenan dubbachuun Yihuudoitaaf Giriikoota lachuu keessaa namootni lakkofsaan. baay'atan amanan.

<sup>2</sup>Yihuudootni isaan amantii kanaaf hin ajajamne garu namoota orma kakaasuun akka isaan obbolootatti hadhaa'aa ta'an godhan.<sup>3</sup>Kanaafu isaanis yeroo dheeraadhaf achi turan, humna Gooftaatinis sodaa tokko malee dubbatan; Gooftaanis dubbii ayyaana isaa yammu isaan dubbatan dinqii fi mallattoo ajaa'ibsiadaan isaaniif raggasisa ture.<sup>4</sup>Uummanni magaalichaas gargar qoodamee, gareen muraasni Yihuudoota waliin, kaan immo ergaamtoota waliin ta'an.<sup>5</sup>Namootni ormaa fi Yihuudotni lamaanuu (dura butoota isaanii waliin) isaan jeequu fi dhagaadhaan isaan dhawuuf yaadan.<sup>6</sup>Isaan garuu ergaa waan kana beekanii gara magaalota Luqaaniyaa isaan Lisxiraa fi Darbeetti akkasumas naannawa isaanitti baqatan,<sup>7</sup>bakka sanattis Wangeela lallabuutti fufan.

<sup>8</sup>Lisxiraattis, namni tokko kan dhaloota isaa irraa jalqabee miilli isaa laamsa'ee naafa ta'e, adeemuu kan hin dandeenyetu taa'e ture.<sup>9</sup>Namni kunis yammuu Phaawuloos dubbatuni dhaggeefata ture. Phaawuloosiis xiyyefannaan ija isaa isarra go.dhee fayyuudhaaf akka amantii qabu arge.<sup>10</sup>Innis sagalee guddaadhaan "ol-ka'ii miila keetiin dhaabdhu" isaan jedhe. Kanaafuu namichi ol-utaalee ka'uun asiifi achi deeme.<sup>11</sup>Tuutni kunis yammuu waan Phaawuloos godhe argan, sagalee isaanii ol kaasan afaan Liqooniyaatiin "waaqoleen bifa namaatiin gara keenyatti gad-dhufan" jedhan.<sup>12</sup>Isaanis Barnaabaasin 'Zewos' Phaawulopsiin immoo sababa inni dubbataa isa dursaa ta'eef 'Harmees' jechuun waaman.<sup>13</sup>Lubni mana qulqullu Zawoos inni magaalaa alatti argamuu kormaa fi goonfoo abaaboo uummata heddu ta'an waliin aarsaa isaaniif gochuuf fide.<sup>14</sup>Ergamootnis Barnaabaasiif Phaawuloos yammuu kana dhagahan uffata (huccuu) isaanii tarasaasun dhafanii gara tuutaatti figan,akkana jechuunis iyyan<sup>15</sup>"Yaa namoota, isin maaliif waantoota kana gootu? Nuti mee akkuma keessan namootaa dha. Nuti oduu gammachiisaa isinitti himnaa yoos isin waan faayidaa hin qaabne kana irra gara Waqaqa jiraataatti, isa samiif ardi, galaanaaf waantoota isaan keessa jiran hunda uumetti deebi'aa.<sup>16</sup>Inni baroota darban keessa sabootni akka karaa ofi filatanii deemanifiisaan dhise.<sup>17</sup>Haa ta'u malee dhugaa bayinsa malee of hindhiifne, samii irraa roobsuun inni waan gaarii hojachuun bokkaa samii irraa roobsuun waqtii firii guutuu, soorataa fi oonnee keessan gammachuun guute.<sup>18</sup>Erga jechoota kana dubbatanii bppda illee, Phaawuloosiif Barnaabaas akka namootni isaaniif hin arsine kan dhoowwan yaalii guddaadhaani.<sup>19</sup>Garuu Yihuudotni muraasni Antsookiya fi Iqooniyamii uummata gara ofiitti deebisan. Phaawuloos dhagaadhaan tumuun waan du'e isaanitti fakkaatee magaalaa alatti harkisanii baasan.<sup>20</sup>Ta'ullee otuma barattotni isa marsanii jiranuu ka'ee magaalaa keessa seene, guyyaa itti fufus Barnaabaas waliin gara Darbe deeme.<sup>21</sup>Magaalaa sana keessatti erga wangeela Lisxiiraa, Iqooniyaa fi Antsookiyaatti deebi'an.<sup>22</sup>Isaanis ruhii (keessa) barattoota jajabeesson, akka isaan amantiitti cimuun itti fufan gorsan ,akkanas jedhan "Nuti gara mootummaa Waaqayyootti galuuf rakkina (dhiphona) baay'ee keessa darbuu qabna."<sup>23</sup>Erga isaan waldaa hundaa hundaa keessatti jaarsolii filachiisani booda Gooftaa amananitti xoomaan kadhatanii isaan dabarsanii imaanaa Kennan.<sup>24</sup>Achiin Phisdiyaa keessa darbanii gara Phamfiiliyaatti dhufan.<sup>25</sup>Isaanis Pheergaa keessatti ergaa dubbachuun gara Axaaliyaatti gad-dhufan.<sup>26</sup>Achii ka'uun hojii hanga ammatti raawwataniif ayyana Waaqayyootti bakka itti kennaman! Ka'aniitti gara magaalaa Antsookiyaatti dooniidhaan deebi'an.<sup>27</sup>Erga Antsookiyaatti gahaniibooda waldaa walitti qabaniib, waantoota Waaqayyoo isaan waliin hojjate hundaafii, akkasumas akkamitti balbala amantii Warren ormaatiif banee isaaniif gabaasan.<sup>28</sup>Isaanis yeroo dheeraadhaf barattota waliin turan.

## Chapter 15

<sup>1</sup>Namootni tokko tokko Yihuudaadhaa gara Antsookiyaatti gad-bu'uun, "Isin akka seera Museetti you kittaanamtan malee, Isin fayyuu hin dandeessan" jechuun obboloota barsiisan. <sup>2</sup>Wuantii Kunis akka Phaawuloosifi Barnaabaas isaan waliin namootni biroos akka gara Iyyaruusaaleem deemanii ergamootaa find jaarsolii waliin waa'ee gaafii kanaa walqunnaman filataman. <sup>3</sup>Isaanis kanaafuu, waldaa sanaan ergamanii, adeemsa isaanii irrattis Fiinkee fi Antsookiyyaa keessa darbuun akka warri ormaa gara amantiitti deebi'an hima. Kunis obboloota hundaaf gammachuu guddaa fide. <sup>4</sup>Isaanii yammuu gara Iyyaruusaaleemmitti dhufan, isaanis waldaadhaan, ergamootaanii fi jaarsoliidhaan baga nagaan dhuftan jedhamanii simataman, isaanis waan Waaqayyoo karaa isaaniihojjate gabaasan. <sup>5</sup>Garuu namootni muraasa isaan amanan, isaan garee Fariisootaa jala jiran, ka'an dhaabachuun "Warra ormaa kana akka kittaanamanii fi akka seera Musee eegan gochuun ni barbaachisa" jedhan. <sup>6</sup>Kanaafuu ergamoonnii fi jaarsoliin akka waan kan xiinxalaanii walitti qabaman. <sup>7</sup>Mormii guddaadhaan booda Pheexiroos olka'ee dhaabachuunakkana isaaniin jedhe. "Yaa obbolota, akka Waaqayyoo yeroo gabaabaan dura namootni ormaa akka afaan kootiin dubbii wangeelaa dhagahanii amananii jedhee isin keessa na filate isinuu ni beektu." <sup>8</sup>Waaqayyo, inni onnee hundaa beeku, akkuma nuuf kenne akkasuma Hafuura Qulqulluu isaaniijis kennuun dhugaa isaanii bahe. <sup>9</sup>Onnee isaanii amantiidhaan qulqulleessun, nuufisaan walakaatti garaa garuummaa homaa hin gone. <sup>10</sup>Egaa amma maaliif qanbara (harqoota) nuriif abboonni keenya baachuu hin dandeenya maaliif gateetti barattootaa irratti fe'uun maliif Waaqayyo qortu? <sup>11</sup>Nutis garuu akkuma isaanii akka karaa ayyaana Gooftaa Iyyasuusiin fayyina arganne ni amanna. <sup>12</sup>Tuutni hundi yammuu Barnaabaasii fi Phaawuloos mallattoolee fi dinqisiisoo Waaqayyoo karaa isaaniihojjate caldhisanii dhaggeeffatuyyu. <sup>13</sup>Erga isaan dubbii xumuraniin booda, yaa'iqoob "Yaa obbolota na dhagaha, <sup>14</sup>Simi'oон akkamitti akka Waaqayyoo duraan dursee arjummaa isatiin namoota ormaa keessa saba tokko maqaa isatiif akka filatu" isaniiin jedhe. <sup>15</sup>Dubbiin raajootaas inniakkana jedhamee barreefame kana waliin waliigala; <sup>16</sup>"Kana boodaa nan deebi'a, deebiseen Dunkaana Daawiit isa diigames ijaara, mootumma isas deebiseen haaromsa. <sup>17</sup>Kunis akka namootni hafan na barbaadan; warra ormaa hundaa dabalatee akka maqaa kootiin waamamaniifi <sup>18</sup>jedha Gooftaan waantoota kana kan bara duriitii jalqabe beekamu godhe." <sup>19</sup>Kanaafuu akka namootni ormaa isaan gara Waaqayyootti deebi'an sana rakkisuun hin qabne ani murteesseen jira. <sup>20</sup>Garuu nuti akka isaan waaqa tolfamaaf faalaman irraa sagaagalummaa irraa fi foon horii ofin du'anii nyaachuu irraa of-eegan isaanii ni barreessina. <sup>21</sup>Seerri Musees dhaloota durii irraa jalqabee magaalota hunda keessatti akka lallabamee fi mana sagadaa keessatti guyyaa sanbataa hunda dubbatamee dha. <sup>22</sup>Yammuu kana ergamootnii fi jaarsoliin waldaa hunda waliin ta'uun isaan keessa Yihuudaa isa Barsaabaas jedhamee waamamuu fi Siilaas, isaan dura bu'oota obbolaa turan filachuun akka Phaawuloosifi Barnaabaas waliin gara Antsookiyaatti isaan ergan. <sup>23</sup>Isaanis kan harka isaanitiin barressan "Obbolota keessan, ergamootaa fi jaarsoolii irraa, obbolota ormaa Antsookiyyaa, Sooriyyaa fi Kilqiyyaa keessa jiraattaniif; Nagaan isin haagahu!" <sup>24</sup>Sababa namootni tokko tokko eyyama keenya malee ni biraahufanii dubbii dhaan ruhii (keessa) keessan dhiphisaa akka jiran dhageenyera. <sup>25</sup>Yaada tokkoon walii galee, namoota fillee isiniif erguun gaarii ta'e waan argineef jaalatamotoa keenya kan ta'an Barnaabaasii fi Phaawuloos waliin isaan isinii erginee jirra. <sup>26</sup>Isaanis namoota lubbuu isaanii dabarsanii maqaa Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos kennanii dha. <sup>27</sup>Kanaafuu waan barreessine akkasumatti jechoota ofi isaniihojjattaa isiniif gabaasaniif Yihuudaa fi Siilaas erginee jirra. <sup>28</sup>Waantoota barbaachiisaa kanneen malee kana caala akka waan biraahufanii isin irratti hin feene, Hafuura Qulqulluu fi nu birattis garii ta'e nutti muldhateera. <sup>29</sup>Kunis akka isin wantoota arsaa waaqa tolfamee, dhiiga, foon horii ofin du'anii, sagaagalummaa fi kan kana fakkaatan irra of eegdan, waan gaarii hojjattan. <sup>30</sup>Isaanis yammuu achii bahanii gara Antsookiyaatti dhufan erga tuuta walitti qabanii booda, xalayaatit kenne. <sup>31</sup>Yammuu isaan xalayicha sana dubbisan, sababa jajjabeenya argataniif ni gammadan. <sup>32</sup>Yihuudaa fi siilaas, akkasumas raajotni dubbii baay'eedhaan gorsaa isaan cimsan, jajjabeessan. <sup>33</sup>Bakka sana yeroo xiiqoo erga turanii booda obbolootatti nagaa dhamuun gara namoota isaan erganitti deebi'an. <sup>34</sup>-<sup>35</sup>Phawuloosuu fi Barnaabaasis garuu dubbii Gooftaa barsiisa fi lallabaa (namoota biroo baay'ee waliin ta'un) achi turan. <sup>36</sup>Phawuloosis guyyoota muraasaan booda Barnaabaasiin "Mee amma kaanee obboloota magaalota hunda keessatti argaman isaan kanaan dura dubbii Gooftaa lallabneef akkaataa jirenya isaanii haa mildhannu" jedheen. <sup>37</sup>Barnaabaasis Yohaannis isaa Maariqoos jedhamee waamamuu isaan waliin fudhachuu barbaade. <sup>38</sup>Phawuloos garuu Maariqoos inni isaan biraahufaniiyaadha isaan biraahufanii hojiitti hin taane yaade. <sup>39</sup>Kanaafuu garaagarumman cimaan walkaa isaniiuumame. Waan kana ta'eef gar-gar bahan, Barnaabaas Marqoos waliin, dooniidhaan gara Qoophroos. <sup>40</sup>Phawuloos immoo garuu Siilaas filate; erga obboloonni ayyaana Gooftaa immaanaa kennanii booda deeme. <sup>41</sup>Innis waldoota jajjabeessa Sooriyyaa fi Kilqiyyaa keessa darbe.

## Chapter 16

<sup>1</sup>Phaawuloosis immoo gara Darbee fi Lisxiraatti dhufe, achittis barataa tokko maqaan isaa Xiimootewoos jedhamu kan haati isaa dubartii Yihuudaa taate, kan amante, abbaan isa garu nama Giriikii ture. <sup>2</sup>Obbolaan Lisxiraa fi Iqooniyaa keessa jiran gaarummaa isaa dubbatu turan. <sup>3</sup>Phaawuloos akka Xiimootewoos isaa waliin deemu barbaade, kanaafuu sababa Yihuudotni bakka sana jiraatan jedhee isa kittaane, waan hundi isaanii akka abbaan isaa nama Giriikii ta'e waan beekaniif ture. <sup>4</sup>Isaanis akkuma magaalota keessa deema darban murtii waan jaarsooliif ergamoonni Iyyarusaaleemitti dabarsan fuudhanii akka ammantootni ajajamaniif isaanif dabarsu turan. <sup>5</sup>Waldoonnis amantiidhaan cimaa fi lakkofsaanis guyyuma guyyaan dabalaan deemu turan.

<sup>6</sup>Phaawuloosiif hiriyoonisaa kan waliin jiran Hafuurri Qulqullu akka isaan Isiyaa keessatti dubbii (wangeela) hin lallabne waan isaan dhowweef naannoo Forgiyaa fi Galaatiyaa keessa darban. <sup>7</sup>Yammuu gara Misiyaatti dhiyaatan, Biitaaniyaa keessa seenuuf yaadan, haa ta'u malee Hafuurri Iyyasuuus isaan dhoowwe. <sup>8</sup>Kanaafuu, karaa Misiyaatiin darbanii gara magaalaa Xiroositti gad-dhufan. <sup>9</sup>Phaawuloosis halkan sanatti namni Maqedooniyaa tokko dhaabatee "Gara Maqedooniyaa kootuutti nu garagaari" jedhee isa kadhatuu muldhataa arge. <sup>10</sup>Yammuu Phaawuloos muldhaticha argu, akka Waaqayyoo wangeela isaanif lallabnuu nu waame jenne waan murteessineef battaluma sanatti gara Maqedooniyaa deemuuf kaane. <sup>11</sup>Xiro'aadadhaa dooniidhaan kaanee gara Saamtiraaqueetti qajeelle guyyaa itti fufu gara Naaphoolitti dhufne. <sup>12</sup>Achiis kaanee gara Filiiphisiyuu deemne, ishinis magaalaa Maqedooniyaa kan taate, magaalaa kutaa sanaaf baay'ee barbaachiftuu taateefi warra Roomaanotaa jalatti kan bulaa turree dha, nutis guyyoota baay'ee magaalaa sana keessa turee. <sup>13</sup>Guyyaa sanbataatti achii baanee gara qarqara lagaatti deemne, bakka sunis akka bakka kadhanna ta'e waan nutti fakkaateef. Nutis bakka sana teenye dubartoota achitti walitti qabamaniiif lallabne. <sup>14</sup>Dubartiin maqaan ishii Liidiyaa jedhamtu tokko, ishinis daldaaltuu uffata (huccuu) haarrii diimaan kana magaala Tiyaaxiroonii dhufte, kan Waaqa waqaaffatu, nu dhaggeeffatti turte, waan Phaawuloos dubbatu akka xiyyeffannoo dhaggeeffatuufis Gooftaan onnee ishii banee ture. <sup>15</sup>Ishinis maatii ishii waliin erga cuuphamtee booda, Ishiiniis "Yoo isin akkan ani Gooftaatti amanuu koo dhugaadhumaan beektan, koottatii mana koo turaa" jette; ciminaanis nu gaafatte <sup>16</sup>Waa'eedhuma kanaa, otoo bakka kadhanna deema jirruu durbii garbittin tokko kan hafuura xibaaraa qabdu nutti dhufte. Ishiin waa himeen galii baay'ee gooftaa ishitiif galchitti turte. <sup>17</sup>Dubartiin kunis Phaawuloosiif nu hordofuu sagalee ol kaaftee "Naamootni kun tajaajiltoota Waaqa guddaati. Isaanis waayee karaa fayyinna isiniif lallabu" jette. <sup>18</sup>Ishinis waan kana guyyoota baay'eef gote. Phaawuloos garu baayee waan jeeqameef gara ishitti garagaluu hafuurichaan "Ani maqaa Iyyasuuus Kiristoosinan si ajajaa ishii keessaa bahi" jedhe. Yeroodhuma sanas hafuurichis bahe. <sup>19</sup>Yammuu gooftaan ishii akka abdiin galii isaa jalaa hafu argu, Phaawuloosiif Siilaas qabuun lafa irra harkisuun bakka gabaatti warra abbaa taayitaa fuldurratti isaan fidan.

<sup>20</sup>Yammuu isaan qabanii fuldura moototiitti fidan, akkana jedhan "Namootni kun otoo Yihuudoota ta'anii jirannu, jeequmsa magaalaa keenyaatiif sababa dha." <sup>21</sup>Ishaaniis taateewwan seeraan alaa kan warra Roomeetiin fudhatamuu fi raawwatamuu hin qabne lallabu. <sup>22</sup>Tuutnis tokko ta'un Phaawuloosiif Siilaasitti ka'an, moototni akka uffata (huccuu) isaanii irraa baasanii reeban (tumman) ajajan. <sup>23</sup>Erga akka maleetti isaan raabanii booda, mana hidhaa isaan darbatanii akka wardiyyichii jabeessee eeguu ajaje. <sup>24</sup>Wardiyyichis erga ajaja kana argatee booda, mana hidhaa, isa kutaa keessaatti isaan darbatanii miila isaanii jabeesaanii jirmatti hidhan. <sup>25</sup>Gara naannoo halkan walakkatti Phaawuloosiif Siilaas kadhataa fi faaruudhaan otoo Waaqayyoo galateeffachaa jiru turan, hidhamtootni kaanis isaan dhageeffatu turan. <sup>26</sup>Battaluma sanatti hollanni lafaa guddaan ta'e, kanaafuu hundeen mana hidhaas raafame, akkasumas balballi mana hidhaa hundumtuu baname; hidhaan namoota hundaa hikkamee. <sup>27</sup>Wardiyyicha mana hidhaa sana eeguu hirribaa damaqee balballi mana hidhaa banamee yammuu argu, waan hidhamtootni isa harkaa bahan itti fakkatee of-ajjeesuudhaaf guuraaddee isaa huqqifate. <sup>28</sup>Phaawuloos garuu, sagalee isaa ol-kaasee "Nuti hundii keenya waan as jirruuf akka of irratti hamaa hin hojjane" jedheen. <sup>29</sup>Waardiyichiis ibsaakka fidaniifi waamuun dafee gara keessatti galuun hollachaa Phaawuloosiif Siilaas jalatti kufe. <sup>30</sup>Isaanis gad-baasee "gooftoota akkan fayyuuf maal gochuun qaba?" jedheen.

<sup>31</sup>Isaanis "Gooftaa Iyyasuuusitti amani, atiif maatiin kees ni fayyitu" jedhaniin. <sup>32</sup>Isaanis dubbi Gooftaa isaaifi namoota mana isaa jiran hundaaf lallaban. <sup>33</sup>Waardiyichiis yeroodhuma sana halkaniin isaan fuudhe madaa isaanii dhiqe, inni fi warri mana isaa keessa jiran hundi ennasuma cuuphaman. <sup>34</sup>Innis akkuma Phaawuloosiif Siilaas gara mana isaaatti waamee nyaata fuldura isaanitti dhiyeesse, maatii isaa hunda waliin waan Waqaqayyotti amaneef gammachuu gudhadhaan guutame. <sup>35</sup>Amma yammu lafti bari'uun moototni "Namoota sana gad-lakkisaa" jechuun wardiyyootatti ergan. <sup>36</sup>Wardiyyichis gabaasa ergaa sana Phaawuloosiif "Moototni akkan isiin baasuuf ergaa natti erganii jiruu, kanaafuu ammas koottaa baha, nagaadhaanis deemaa" jedheen.

<sup>37</sup>Phaawuloos garuu "otoo nutti lammiiwwan Roomee taanee jiru murtii malee uummata fulduratti nu reebanii

(rukutanii) achiinis gara mana hidhaatti nu darbatan, amma isaan dhooksaadhaan baasanii nu erguu barbaaduu? Kun hin ta'u ofuma isaaniitiin dhufani nu haa baasan" isaaniin jedhe.<sup>38</sup>Waardiyyooniis wantoota kana moototaaf gabaasan, isaanis yammuu Phaawuloosiif Siilaas lammii Roomee ta'u dhagahan nahان.

<sup>39</sup>Moototni dhufanii dhiifama isaan gaafachuu, isaan baasuun, akka magaalicha keessaa bahanii deemanii isaan gaafatan.<sup>40</sup>Kanaafuu Phaawuloosiif Siilaas mana hidhaa keessaa bahanii gara mana Liidiyaatti dhufan. Phaawuloosiif Siilaasiis yammuu obboloota argan, erga jajjabeessanii booda magaalicha gad-lakkisanii deeman.

## Chapter 17

<sup>1</sup>Yammuu isaan magaaloota Amfiiphoolis fi Aphooloniyya keessa darbanii gara magaala Tasaloonqee, bakka manni sagadaa Yihuudootaa jirtutti dhufan. <sup>2</sup>Phaawuloos akkuma amala isaatii, gara isaanii deemee, guyyoota sanbataa sadiif kitaaba keessaa kaasuun isaan waliin dudubate. <sup>3</sup>Innis kitaaba banuun, akka Kiristoos irra rakkini (dhiphinni) gahuun qabuu fi du'aas ka'uu akka qabu barbaachisaa ta'u isaa, ibsa godhe. Innis akkana jedhe "Iyyasuus innin isinii lallabuu kun Kiristoos dha." <sup>4</sup>Yihuudootniis muraasini isaanii amanuudhaan Phaawuloosiif Siilaas makaman, akkanumas Giriikoni lakkofsaan baay'ee ta'an kan amantiitti cimanii fi lakkofsi isaanii xiqaan hin taane dubartootni beekamoonis isaanitti makaman. <sup>5</sup>Yihuudootnis warri hin amanne garuu, inaaffaadhaan waan guutamaniif lafa gabaatii kashalabboota fudhachuun, tuuta walitti sasaabanii, magaalattiin akka jeeqamtu godhan. Phaawuloosiif Siilaas gara uummataati fiduuf waan barbaadaniif gara mana Iyaasoonitti dafanii deeman. <sup>6</sup>Haa ta'u malee yammuu barbaadaniif isaan dhaban, Iyaasooniif obboloota kaanis harkisuun gara magaalaatti fuldura warra aangoo qabanitti akkana jechaa iyyaa isaan fidan. "Namootni kun isaan addunyaa kana gaggaragalchan asis immoo dhufanii jiru; <sup>7</sup>namootni isaan Iyaasoonin simataman kun seera Qeesarii faallaa dhaabachuun inni bira Mootichi-Iyyasuusi dha jedhu. <sup>8</sup>Isaanis uumataa fi abbaa aangoota magaalichaa isaan waantoota kana dhagahan hunda jeqan." <sup>9</sup>Garuu erga Iyaasooni fi isaan hafan irra wabi fuudhuun gad-lakkisan. <sup>10</sup>Obbollonis halkanuma sana Phaawuloosiif Siilaas gara Beeriyaatti isaan ergan. Yammuu achi gahan, gara mana sagada Yihuudootaa deeman. <sup>11</sup>Uummanni kun kanneen isaan Tasaloonqee keessa jiranii caala qalbii qabeeyyii turan, sababa isaan fedhii guutuudhaan duubbii sana fudhatanii akka dhugaa ta'ee fi hin taane ilaaluuf jedhanii guyyaa guyyaadhaan kitaaba qorachaa turan.

<sup>12</sup>Kanaafuu baay'een isaan, dubartoota Giriikii beekamoon muraasnii fi namoota baay'ee dabalatee amanan. <sup>13</sup>Ta'uus Yihuudootni, Tasaloonqee Phawuloos akka inni Beeriyaattu immoo dubbii Waaqayyoo akka lallabu yammuu dhagahan, rakko uumuun uummata jeeqan. <sup>14</sup>Achiin battalummatti, obbollooni Phaawuloos gara galaanaa akka deemuuf ergan, Siilaasif Ximootiwoos garuu achi turan. <sup>15</sup>Namootni isaan Phaawuloos gaggesanis hanga Ateenaatti isa fidan. Isaanis akkuma Phaawuloos achitti dhisaniin, isaanis ajaja Siilaasif Ximootiwoosiif hanga danda'ametti dafani akka isa bira dhufan jedhu isa bira fudhatan. <sup>16</sup>Phaawuloos otuma Ateenaa keessatti isaan eega jiru akka magaalaattiin waaqota tolchaman guutamuun ishii yammuu argu, hafuurri isaa isa keessatti raafame. <sup>17</sup>Kanaafuu inni guyyaa hunda mana sagadaa keessatti Yihuudootaaf warra kaaniin isaan Waaqayyo waqqeessan, akkasumas immoo lafa gabaattis isaan achiitti arge waliin wal morma ture. <sup>18</sup>Haa ta'u malee garuu Filoosoofartootni Ephiqoorostii fi Istoyikoonni tokko tokko isaan falmu turan. Muraasini "Namtichi lafalaifu (dudubatu) kun maal jechuu yaalaa?" jedhan. Kaanis "Inni isaa namoota akka hordofaniif namoota gara waqqota hin beekamnee (keesummaa ta'anii)ttu waamuu dha" jedhan. Sababa inni wangeela waa'ee Iyyasuusiif du'aa ka'iinsa lallabuufi ture. <sup>19</sup>Isaanis Phaawuloos fuudhanii bakka Aariyoosfaagoos isa fidanii, "Baruumsa haaraa isa atti dubbattu kana beekuu dandeenyaa?" jedhan. <sup>20</sup>Ati waantoota haaraa ta'an tokko tokko gara gurra keenyaatti fidaa jirtaa. Kanaafuu waantootni kun maal jechuu akka ta'an beekuu barbaadna." <sup>21</sup>(Namootni Ateenaa hundii fi keesummoonni (namootni haaraan) achi keessa jiraatan yeroo isaanii kan dabarsan waayee waan haaraa dubachuu yookin dhagahuu malee hommattiyyuu miti.) <sup>22</sup>Phaawuloosis bakka Aariyoosfaagoos sana walkaa dhaabatee akkana jedhe. "Isin yaa namoota Ateena karaa hundaanuu akka isin namoota amantii taatan nan arga. <sup>23</sup>Akkuman otoo naanna'aa darbuu waantoota isin waqqeffatan hubadhetti, iddoor arsaa tokko barreefamni 'waaqa hin beekamneef' jedhe irratti maxamfamen arge. Kanaafuu isin otoo hin beekin kan waqqeffattan kun maal akka ta'en isinitti hima. <sup>24</sup>Waaqni inni addunyaa hundaa fi wantoota isa ardii (lafaa) waan ta'eef mana qulqulluu harka namaatiin hojjatame keessa hin jiraatu. <sup>25</sup>Inni namoota hundaaf jireenyaa fi hafuura akkasumas wantoota biroo hafan hundas kan kenu waan ta'eef waanti inni dhabe barbaadu tokkolle waan hin jireef harka namaatiin hin tajaajilamu. <sup>26</sup>Inni nama tokko irraa uummata sabootaa hunda umee akka lafa irra jiraatan gochuun, bara jirenyaa isaanii fi bakka naannoo jirenyaa isaanii isaaniif murteesesse. <sup>27</sup>Kunis akka isaan Waqqayyoo barabaadan akkasumas karaan isaanii isa duukaa ta'uun itti dhagahame akka isa argataniif kanas ta'u inni tokko tokkoo keenya irraa fagoodhaa miti. <sup>28</sup>Nuti kan jiraanu fi kan sochoonnu akkasumas jirenyaa kan arganne isaan, akkuma weelliftoota keessaa tokko "Akkasumas immoo nuti sanyii isaatii dha" jedhetti <sup>29</sup>Kanaafuu nuti waan ilmaa (sanyii) Waqqayyoo taaneef ga'umsa Waqqayyoo waan akka warqii, meetiif yookin fakkenya dhagaa isaan ogummaa fi beekumsa namaatiin tolchaman fakkaatuudhaa miti. <sup>30</sup>Kanaafuu Waqqayyoo yeroo wallaalummaa cufuun, amma garuu inni namoota hunda bakka hundaa akka qalbii jijiirratan ajaja. <sup>31</sup>Kunis sababa inni guyyaan yammuu qulqullummaan addunyaa irratti karaa nama isa filateetiin murtii itti kennuu qopheesefiidha. Waqqayyoos nama kana du'aa isa kaasuun mirkaneesee jira." <sup>32</sup>Amma namootni Ateenaa yammuu waa'ee du'aa ka'iinsaa dhagahan, muraasni isaanii Phaawuloos jeqan, kaanneen garu "Nuti waa'ee

dhimma kana amma deebinee dhageenya" jedhan.<sup>33</sup>Sana booda, Phaawuloos dhiisee deeme.<sup>34</sup>Namootni tokko tokko garu, Diyoonaasiyoos namni Aariyoosfaagoos, dubartiin maqaan ishii Damaariis jedhamtuu fi kan isaan waliin jiran kannennis, isaan wal-qunnaman, ni amananis.

## Chapter 18

<sup>1</sup>Waantoota kanaan booda Phaawuloos Ateenaa dhisuun gara qorontoos deeme. <sup>2</sup>Achittis nama Yihuudaa kan, dhalootaan Phaanxoos ta'ee maqaan isaa Aqilaa jedhamu, arge, innis haadha mana isaa Phirisqiila walii sababa Yihuudootni hunduu Roomee keessaa akka bahanii Qalaawudoos ajajeef Xaalayyanii dhaa yeroo dhiyootti dhufe. Phaawuloosis gara isaanii dhaqe, <sup>3</sup>innis akkuma isaanii hojii wal-fakkaataa waan hojjatuuf, dinkaanaa hodhaa isaan waliin ture. <sup>4</sup>Phaawuloosis guyyaa sanbataa hunda mana sagadaa keessatti Yihuudootaaaf Giriiikota lachuu waliin dudubbachuun akka amananii yaalaa ture. <sup>5</sup>Amma yammuu Siilaasiif Xiimotiwoos Maageedooniyaaadha gad-dhufan, phaawuloos lallaba dubbitti of cimsuun, warra Yihuudootaaati Iyyasuus akka Kiristoos ta'e dhugaa isaaniif bahee. <sup>6</sup>Haa ta'u malee yammu Yihuudootni isaan mormanii fi isa arrabsan (habaaran), Phaawuloos uffata (huccuu) isaa isaanitti urgufuunakkana isaaniin jedhe, "Dhigni keessan mataadhuma keessan irratti haa ta'u, ani qulqulluu dha, ammaan achi ani gara warra ormaan deema." <sup>7</sup>Innis achii bahee gara mana maqaan isaa Tiiqoos Juusxoos jedhamu, nama isa Waaqa waaqeffatuutti dhufe. Manni isas mana sagadaatti aaneet jiruudha. <sup>8</sup>Qarisphoos, bulchaa mana sagadaa kan ta'e maatii isaa hunda waliin Gooftaatti amane, warri Qorontoosis isaan waa'ee kanaa dhagahan baay'een ni amanan ni cuuphamanis.

<sup>9</sup>Gooftaan halkan keessa muldhataan Phaawuloosinakkana jedhe "Dubbadhu malee hin sodaatiin, hin caldhsisiinis. <sup>10</sup>Ani siin waliinin jira, namni tokkolee si miidhuu hin danda'u, ani magaala kana keessa nama baay'een qaba." <sup>11</sup>Phaawulos dubbii Waaqayyoo isaan barsiisaa waggaa tokkoof ji'a jaha achi jiraate. <sup>12</sup>Yammuu Gaaliyoon bulchaa Akayaa ta'u garuu, Yihuudootni waliigaluun ka'ani Phaawuloosin mormuun gara bakka mana murtii fulduratti isa fidanii, <sup>13</sup>isaanis "Namni kun faallaa seeraattin akka uummanni Waaqa waaqeessan dogongoraan kakaasaa jira" jedhan. <sup>14</sup>Otuma Phaawuloos dubbachuuf jedhuu, Gaaliyoon Yihuudootaaakkana jedhe "Yaa Yihuudoota, otoo waanti kun dhugaadhumaan dogongora yookin yakka ta'e turee, isinin dhagaha ture. <sup>15</sup>Haa ta'u malee gaafiiwwan keessan kanneen waa'ee jechootaf maqootaa akkasumas waa'ee seera keessani waan ta'eef, isinumti ofuma keessaniin fixadhaa. Ani waan akkanaatiit murtii kennuu hin fedhu." <sup>16</sup>Gaaliyoon akka isaan bakka mana murtii gad-dhsian godhe. <sup>17</sup>Yammuu kana hundi isaanii bulchaa mana sagadaa kan ta'e, Susteeniyos, fulduruma mana murtii sanaatti isa tuman. Garuu Gaaliyootti waantii isaan hojatan kun homaa itti hin fakkanne. <sup>18</sup>Phaawuloosiis guyyoota dheeraadhaaf achi turee booda, obbolootatti nagaa dhaamuun Phirisqiilaaf Aqilaa waliin dooniidhaan gara Sooriyaa deeme. Otoo qarqara galaanaa gad-hin dhiisiisiin dura, bakka Keenkiri'aatti, waan wareega qabuuf rifeensa mataa ofirraa haaddate. <sup>19</sup>Yammuu gara Efeesoonitti isaan dhufan, Phaawuloos Phirisqiilaaf Aqilaa achitti isaan dhisee, inni ofuma isaatiiin gara mana sagadaa deeme Yihuudoota waliin dudubachuu jalqabe. <sup>20</sup>Yammuu isaan Phaawuloos isaan waliin yeroo dheeraaf akka turu gaafatan, inni hin sarminee (ni dide). <sup>21</sup>Garuu akkuma isaan biraa ka'een, "Yoo Waaqayyoo eyyame gara keessanitti deebi'ee nana dhufa" jedhe. Innis akkasumaan dooniidhaan Efeesoonii deeme. <sup>22</sup>Phaawuloos yammu Qiisaariyaa gahu, gara Iyyaruusaaleemitti ol-deemee waldaa nagaa gaafatee, gara Antsokiyatti gad-deeme.

<sup>23</sup>Erga yeroo muraasa achitti dabarsee booda, Phaawuloos barattoota hunda jajjabeessa naannoo Galaatiyaaf Pheergaa keessa deeme. <sup>24</sup>Namni maqaan isaa Aphiloos jedhamu, dhalootaan nama Aleeksandaariyaa ta'e, gara Efeesoonitti dhufe. Innis dubbiidhaan arraba qabuu fi Kitaaba Qulqullus sirriitti beekumsa qabuudha.

<sup>25</sup>Aphiloos barnoota Gooftaa kan barratedha, Hafuuraanis kan guutame, inni waayee Iyyasuus haalaan nama dubbatuufi barsiisuu dha, haa ta'u malee inni kan beekuu cuuphaa Yoohannis qofaa ture. <sup>26</sup>Aphiloos mana sagadaa keessatti sodaa tokko malee ni dubbata. Garuu yammuu Phirisqiilaaf Aqilaan isaa dhagahan, gara tokkotti isa fuudhanii waayee karaa Waaqayyoo caala haalaan isaaaf ibsan. <sup>27</sup>Yammuu inni gara Akiyaatti ol-darbuu barbaduu obbolonni isa jajjabeessanii akka barattootni isaa simatanii xalayyaa barreessanii. Yammuu achi gahuu, isaan warra ayyaana Waaqayyootti amananiif gargaarsa guddaa ta'e. <sup>28</sup>Aphiloos, Iyyasuus akka inni Kiristoos ta'e Kitaaba Qulqulluu keessaa mirkaneessaa Ayihuudoota waliin ciminaan mormaa isaan amansiisa ture.

## Chapter 19

<sup>1</sup>Otoo Aphiloos Qorontoos jiru, Phaawuloos karaa olii keessa bahee gara magaalaa Efeesoonitti dhufe, barattoota tokko tokko achitti arge. <sup>2</sup>Phaawuloosiis "Yammuu amantan Hafuura Qulqulluu fudhatanii jirtuu?"isaaniin jedhe.Isaanis "Lakki, siriidhumaa waa'ee Hafuura Qulqulluu hin dhageenye" isaan jedhan.<sup>3</sup>Phaawuloos "Yoos maaliin cuuphamtanree? jedheen. Isaanis "Cuuphaa Yohaannisiin" jedhan. <sup>4</sup>Kanaafuu Phaawuloosis deebisee, "Cuuphaan Yohaannis cuphaa qalbii jijiirrachuuti. Innis akka uummatni kan isa boodaan dhufu tokkotti, innis Iyyasuusitti akka amana himee ture.<sup>5</sup>Uummatnis yammuu kana dhagahan maqaa Gooftaa Iyyasuusin cuuphamani. <sup>6</sup>Achiin yammuu Phaawuloos harka isaa isaan irra kaa'u, Haafurri Qulqulluu isaan irratti bu'e (dhufe), isaaniis afaan haaraadhaan dubbatan ni raajanis. <sup>7</sup>Isaanis walumaagalatti gara kudha lamaa ta'u.

<sup>8</sup>Phaawuloos gara mana sagadaa keessa galuun sodaa malee, waa'ee mootummaa Waaqayyoo dudubbachaa fi akka isaan amanan gochaa ji'oota sadii ture. <sup>9</sup>Garuu yammuu Yihuudootni muraasni onnee jabeessanii ajajamuu diduun, uummata duratti waa'ee karaa kana waan hamaa dudubbachuu jalqaban. Kanaafuu Phaawuloos barattoota isa waliin fudhatee galma Xiraanoos keessatti guyyaa guyyaadhaan dudubbata ture. <sup>10</sup>Kunis wagoota lamaaf itti fufe, kanaafuu warreen isas Issiyaa jiraataan, Yihuudootnii fi Giriikoni hundi isaan dubbii Gooftaa dhagahan. <sup>11</sup>Waaqayyoos harkaa Phaawuloositti dinqii baay'ee ajaa'ibsiisaa ta'e hojjata ture. <sup>12</sup>Waan kana ta'eef maarrabii fi uffata (huccuu) qaama (nafa) isaa tuqe illee gara warra dhukkubsatanii yoo geessan dhibee isaanii irraa ni fayyu akkasumas hafuurri xuraa'aaniis gad-isaan lakkisa ture.<sup>13</sup>Garuu Yihuudootni naannoo sana keessa adeeman ni jiru ture. Isaanis maqa Gooftaa Iyyasuus waamuu, kanaafuu isaanis yammuu "Maqaa Iyyasuus isaa Phaawuloos lallabuutiin sin ajaja" jedhan hafuura xuraa'aa baasuuq yaalu turan. <sup>14</sup>Lubnii ol-aanaan Yihuudootaa kan maqaan isa Asqewaa jedhamu tokko, isaan waan kana hojjatan ilmaan torba qaba ture.<sup>15</sup>Hafuurri xuraa'aanis akkana jedhee isaanif deebiseef, "Iyyasuus nan beeka, Phaawuloosiis nan beeka; garuu isin eenyuu dha?" <sup>16</sup>Namichi hafuura xuraa'aa dhaan qabame sunis utaalee hunda isaanii qabachuun isaanitti cimee tume. Isaanis mammadaa'uun qullaq isaanii baqachaa manaa bahan. <sup>17</sup>Kunis Yihuudootaa Giriikoitaa lachuutti isaan Efeesoon jiraatan hundatti beekama dhufe. Isaanis baay'ee sodaatan, maqaa Gooftaa Iyyasuusis ni ulfeeffame.

<sup>18</sup>Kanaafuu warri amanan baay'een isaanis dhufanii hojji haamaa kanaan dura hojjatan hunda himatan. <sup>19</sup>Warrii hojji falflala raawwachaa turan keessa baay'eenis kitaaba isaanii waliin fiduun namoota hunda fulduratti guban. Yammuu gatii isaan lakkaa'an meetii kuma shantama ture. <sup>20</sup>Kanaafuu dubbiin Gooftaa humna gudaadhaan fafaca'uun baay'ee babaldhate.<sup>21</sup>Erga waantootni kun hunduu raawwatamanii booda, Phaawuloos Maqeedoonyaaf Akaaya keessa darbee gara Iyyaruusaaleemitti dhufuuf Hafuuraan murteesse, innis "erga achi gahee booda, Roomee arguu qaba" jedhe. <sup>22</sup>Phaawuloos kan isa tajaajilan keessa lamaan saanii, Xiimoontwoosif Eraasxoos gara Maqeedoonyaatti erge. Inni ofumasaati garuu yeroodhaaf Isiyaa keessa ture.<sup>23</sup>Yeroodhumaa sanatti waa'ee dhuma karaa kanaattin Efeesoon keessatti jeequmsi xiqqaa hin taane ka'e. <sup>24</sup>Namni maqaan isaa Demeexiroos jedhamu tumtuu meetii kan ta'e inni Arxeemisii meetiidhaan totolchu, ogeeyyiidhaafis galii guddaa kan fiduufitu ture. <sup>25</sup>Innis hojjatoota sana hunda waliitti qabuun akkana jedhen "Yaa namoota, akka hojji kanaan qarshii baay'ee argannuu isinuu ni beektu,<sup>26</sup>Isinuu argaa fi dhagahaa jirtuu, akka namni Phaawuloos jedhamu kun Efeesoon keessatti qofa otoo hin ta'iin, Isiyaa hunda keessattis malee, namoota baay'ee amansiisaa fi dogongoorsiisa garagalchaa akka jiru. Innis waqaonni harkaan tolchamab waaqota miti" jechaa jirra. <sup>27</sup>Balaan kan dhufaa jiru garuu daldala (galii) keenya qofa irratti otoo hin ta'iin manni qulqulluu Arxeemis ulfinni fi gaarummaan ishii ni salphata akkasumas baay'ee guddini fi guutummaan ishi kan Isiyaa addunyaan hundi ishii waageessu kun duwwaa tati.<sup>28</sup>Isaanis yammu kana dhagahan, dallansuudhaan guutamaanii akkana jechuun iyyan, "Arxeemis warra Efeesoon guddoo dha". <sup>29</sup>Magaalitiinis waantootni bitaa itti galuun guutamte, uummatnis yaada tokkoon gara bakka ti'aatirii keessaatti ariitidhaan dhaqaan; Isaanis miiltoowwan Phaawuloos isaa Maqeedoniyadha dhufan, Gaayoosiif Ariyaastraaqoos jedhamn qaban.<sup>30</sup>Phaawuloosis gara tuuta uummata keessa seenuu barbaadee ture, haa ta'u malee barattootni isa dhoowwan. <sup>31</sup>Akkasumas kutaa Isiyaa Keessatti namootni aangoo irra jiran tokkoo isaa hiriyyaa Phaawuloos ta'an akka bakka ti'aatirii sana hiin seene ergaa itti erguun kadhatan. <sup>32</sup>Tuutni sunis waan burjaaja'eef uummatni muraasni waan tokko kaanis immoo waan biraa jechuun iyyuu. Baay'een isaan maaliif akka walgahaaniyyuu hin beekan ture.<sup>33</sup>Tuuta keessa tokko tokkoo isaan Yihuudoota turan, Aleeksandar dhibuu akka isaanii mormuuf gara fulduraatti isa baasan. Kanaafuu Aleeksandaris isaanif mormuu barbaadee halka kaasuun akka caldhisanii mallattoo kenneef. <sup>34</sup>Haa ta'u malee yammuu isaan akka inni nama Yihuudaa ta'u hubatan, sagalee tokkoon sa'aatii lamaaf akkana jechuun iyyan "Arxeemis warra Efeesoon guddoo dha."<sup>35</sup>Barreessaan ol-aanaa magaalicha akka caldhisan gochuun, akkana jedhe "Isiin yaa namoota Efeesoon mana qulqullummaa Arxeemis ishii guddoo fi fakkiin ishi inni samii dha bu'e akka uummanni magaalaa Efeesoon eegduu akka ta'e namni hin beekne jiraa?<sup>36</sup>Kanaafuu dhugaan kana kan

mormuu waan hin jirreef akka tasgabbootanii fi ariifatanii waan tokko gochuu irraa akka of qusattan.

<sup>37</sup>Namoota kana otoo isaan mana qulqullummaa kana hin saamiin yookin waaqaa keenya otoo hin arrabsiin akkasumaan qabdaniif bakka fiddanii jirtu. <sup>38</sup>Kanaafuu Dimeexiroosis ta'e ogeeyyiin isa waliin jiran, eenyumarratuu yoo imannaa qabaattan manni murtii banaa dha, abbaan alangaas jiru. Himanna keessan dhiyefachuu ni dandeessu. <sup>39</sup>Garuu yoo waan biraan waanummaa kamiyyuu dhiyefachuu barbaaddan, walgayii idilee irratti ilaalamuun ni danda'ama. <sup>40</sup>- <sup>41</sup>Kanaafuu waan hardha ta'ee kun akkanumaan waan ta'eef sodaa keessa jira, yoo gaafatamnees deebisuuf sababa hin qabnu." Innis erga waan kan jedhee booda walgayicha gad-lakkise.

## Chapter 20

<sup>1</sup>Erga jeequmsa gab jedhee booda, Phaawuloos barattotatti ergee fichiisiuun erga jajjabeeseen booda nagaa itti dhaamuun gara Maqeedooniyaa deeme. <sup>2</sup>Innis naannowwan darbu hunda keessatti dubbiwwan baay'ee himuu isaan jajjabeessa, gara Giriikitti dhufe. <sup>3</sup>Ji'oota sadii erga achitti dabarsee booda gara Sooriyaatti doonidhaan deemuuq qophiirra otoo jiru, Yihuudotaan isa irratti sadoon waan sadameef, kanaafuu karaa Maqeedooniyatiin debi'uuf murteesesse. <sup>4</sup>Hanga Isiyyaatti isa waliin deemuu kan ka'an Beeriyaadha ilma Phiiroos kan ta'e Soophaaxiroos, Arisxaarkoosiif Sakondoos, lamaanuu amantoota Tasalonqee irraa ta'an, Darbee irraa Gayiwos, Ximootiwoos fi Isiyyaa irraayyis Tiqiqoosii Xiroofeemos turan. <sup>5</sup>Garuu namootni kun nu fuldura darbani Xiroo'aadaatti nu eegan. <sup>6</sup>Ayyana qiixaatiin booda dooniidhaan Filiiphisiyuusii kaanee guyyoota shaniin booda gara isaanii xiiroosittu dhufne. Achittis guyyoota torba turre. <sup>7</sup>Guyyaa jalqaba torbaniitti, yammuu nutii biddeenaab cabsachuuq walitti qabamnu, Phaawuloos amantootatti dubbate. Innis waan guyyaa itti fufu achii deemuu waan karoorseef, kanaafuu hanga halkan walakaatti haas'aa isaa dheresesse. <sup>8</sup>Kutaa ol-gubbaa bakka itti walitti qabamne keessa ibsaa baay'eetuu jira ture. <sup>9</sup>Dargaaggeesi maqaan isaa Awuxaaqoos jedhamu tokko foddaa irra taa'a, innis hirribni itti dhufe ammuma Phaawuloos dubbii isaa dheressu, innis hirriba cimaa keessa galuu mugee fooqii sadaffaa irraa kufee lafa dhahee reenfa isaa kaasan. <sup>10</sup>Phaawuloosis gad-bu'e, isa irra diriiree ciisa, isas hammate." Lubbuun isaa waan isa keessa jirtuuf hin gaddiinaa" jedhe. <sup>11</sup>Innis kutaa ol-gubbaatti deebi'ee bahuun, biddeena cabsatee nyaate, hanga laftii bariyuuttiis erga isaan waliin baay'ee haasayee booda achii deeme. <sup>12</sup>Isaanis dargaggeessi du'aa ka'ee sana of-fidani baay'ees jajjabaatan. <sup>13</sup>Nuti ofuma keenya Phaawuloos simachuuf dursinee dooniidhaan gara Asoon bakka nutti Phaawuloos fuudhuuf karoorfanne deemne. Kunis waan inni ofuma isaatti kan gochuuf barbaadeef dha, sababni isaa lafa deemuu waan inni karoorseef. <sup>14</sup>Yammuu inni Asoonitti nu qunnamu doonidhaan isa fuunee gara Miixili deemne. <sup>15</sup>Guyyaa itti fufus dooniidhaa achii kaanee karaa gama Kiyuus geeny. Guyyaa itti fufus Saamus bira geeny, bariitusaas immoo gara magaalaa Miilixus dhufne. <sup>16</sup>Phaawuloos amma danda'ametti ayyana Pheenxeeqosxee Iyyaruusaaleem ta'uu waan ariifateef Isiyya keessa turuu hin barbaadne, kanaafuu Efeesoon bira darbuuf murteesesse. <sup>17</sup>Innis Miilixonidhaa gara Efeesoonitti namoota erguun jaarsooliin waldaa gara ofiitti waamsise. <sup>18</sup>Isaanis yammuu gara isaa dhufa, akkana isaaniin jedhe. <sup>19</sup>"Guyyaa jalqaba miilli koo Isiyyaa keessa ijjate irraa kaasee, akkamittiin akka yeroo hunda yeroo koo isin waliin dabarsaa sadoo Yihuudootaa irraa kan ka'e rakkinni ana irra gahuu ilee, gad-ofi qabuu guddaa fi imimmaanii waliin, Gooftaa tajaajiluutti fufiera. <sup>20</sup>Otoo waan faayidaa qabuu isiniif lallabuu irraa of hin qabiin akkamitiin adda babayii fi manaa mana irra deemuu isin barsiise isinuu ni beektu, <sup>21</sup>Yihuudootaa fi Giriikotaa lamaaniiyuu qalbii jijiirachuu gara Waaqayyoottti deebi'aniin akka isaan Gooftaa keenya Iyyasuusitti amanan dhugaa bayeera. <sup>22</sup>Ammas ilaala, ani otoo waan achitti narra gahuu jiru otoo hin beekiin gara Iyyaruusaaleem Hafuuraan dirqamee deemaa jiraa. <sup>23</sup>Hafuurri Qulqulluu garuu akka magaalaa hundaa keessatti hidhamuuf rakkoon na eegatuun naa mirkanneessaa jira. <sup>24</sup>Garuu ani figicha sana xumuruu fi tajaajila Gooftaan Iyyasuus natti kenne sana, ayyanaa waaqayyootttin wangeela dhugaa bahutti, lubbuu koo ana biratti akka waan faayidaa hin qabneetti lakka'a. <sup>25</sup>Ammas ilaala, isin warriin ani isiin keessa naanna'ee waa'ee mootummaa Waaqayyo lallabe, isin hundi keessan kanaan booda akka fuula koo hin argine nan beeka. <sup>26</sup>Kanaafuu akkan ani ofi kootii dhiiga nama hundaa irra qulqulluu ta'e hardha guyyaa kanatti isiniifan dhugaa baha. <sup>27</sup>Ani eyyama Waaqayyo hunda isinitti himuu irraa gara duubaatti hin deebine. <sup>28</sup>Kanaafuu waa'ee ofuma keessanii ofi eegadha, akkasumas waa'ee hoolota hunda kanneen Hafuurri Qulqulluu eegdota isin godhe. Waldaa Waaqayyo ishii inni dhiiga ofiitiin bite eeguuf of-eegadhaa. <sup>29</sup>Ergan ani deemee booda akka yayiiwwaan hamoon dhufanii jidduu keessan seenanii fi akka hoolotaaf garaa hin laafne nan beeka. <sup>30</sup>Miseensuma keessan keessaayyuu namoota kaasuun barattoota ofi taasiisuun dhugaa kan jallisan ni ka'u. <sup>31</sup>Kanaafuu of eegaa, waanin ani waggoota sadif otoo wal irraa hin kutiin halkaniif guyyaa isin akeekachise sana yaadadhaha. <sup>32</sup>Ani amma Waaqayyoottti fi akkasumas dubbii ayyanaa isaatti isa isin ijaaruu danda'uu fi warra qulqulla'an hunda keessatti dhaala isiniif kennuu danda'uttiin imaanaa isin kenna. <sup>33</sup>Ani meetii, warqii fi uffata (huccuu) eenyumaatuu hawwee hin beeku. <sup>34</sup>Akkan harkoota kanneenin hojjadhee waan na barbaachisu fi waan isaan na waliin jiran barbaachisu argadhuu isin ofuma keessaniinu ni beektu. <sup>35</sup>Humna keenyaan dadhabnee hojjachuu warra dadhabaa gargaaruu akka qabnu isinitti agarsiisuun ani fakkeenya isinii ta'een jira, akkasumas dubbii Gooftaa Iyyasuus, dubbii isa inni ofuma issaatiin "Isa fudhatuu irra isa kennutuu eebbifama" jedhe, ni yaadatu. <sup>36</sup>Erga akkanatti dubbatee booda, jilbeefatee hunda isaan waliin kadhate. <sup>37</sup>Boyicha baay'eetuu ta'e, Isaanis Phaawuloosittu marmuun isa dhugatan. <sup>38</sup>Sababa inni waan isin kanaan booda fuula koo hin argitan isaaniin jedheef onneen hunda isaanii baay'ee xuqamee (cabee). Achiin hanga dooniitti isa gaggeessan.

## Chapter 21

<sup>1</sup>isaan bira gargar baanee deemnee booda dooniidhaa, gara magaalaa Qoositti qajeellee, guyyaa itti fufus gara magaalaa Roodee, achiis gara magaalaa Phaaxiraatti dabarre. <sup>2</sup>Yammuu doonii Fiinqee deemu argannuu isaan karaa keenya itti fufne. <sup>3</sup>Erga Qophiroos arginee booda, karaa bitaatti ishii dhiifnee gara Sooriyaatti dhufuudhaan Xiiroositti bakka doonichi fe'isaa isaa itti buufatutti nutis buune. <sup>4</sup>Erga baratoota achitti arginee booda, guyyoota torba achii turre. Isaanis akka Phaawuloos gara Iyyaruusaaleem hin deemnee Hafuuraan ta'un isa dhoowwan.

<sup>5</sup>Yammuu guyyoota achii turuu qabnu dhumu, achii kaanee karaa keenya deemne, hundi isaanii haadha manaa fi ilmaan isaanii waliin hanga magaalaa baanuutti nu gageessan. Achiin nus qarqara galaanaatti jilbeeffanee, kadhanne. <sup>6</sup>Erga nagaa walitti dhaamnee booda nuti dooniidhaan deemne isaanis gara manaatti deebi'an<sup>7</sup> Yammuu Xiiroosii kaanee Phiixiloomaas gahuun karaa keenya xumurre. Achitiis obboloota nagaa gaafachuu isaan waliin guyyaa tokko ture. <sup>8</sup>Guyyaa itti fufuttis achii kaanee gara Qiisaariyaatti dhaqne. Nutis mana Filiiphoos, isa lallabaa wangeelaa, isa torban keessaa tokko ta'e seenee, isa waliin ture. <sup>9</sup>Innis ijoollee durbaa afuur isaan dhiira hin beekne kan raajii dubbatan qaba ture. <sup>10</sup>Akkuma nuti guyyoota muraasaaf achi turree raajichi maqaan isaa Agaaboo jedhamu tokko Yihuudaadhaa gad-dhufe. <sup>11</sup>Innis gara keenya dhufe hidhata Phaawuloos fuudhee, isaan miilaa fi harka isaa hidhuunakkana jedhe, "Hafuurri Qulqulluun Yihuudootni abbaa hidhata kanaa akkanatti hidhuun, dabarsanii harka warra ormaatti isa kennu" jedhe.

<sup>12</sup>Yammuu waantoota kanneen dhageenyu nutiifi uummatni isaan bakka sana jiraatan Phaawuloos akka gara Iyyaruusaaleemitti ol-hin baanne kadhanne. <sup>13</sup>Achiin Phaawuloos, "Maal gochaa jirtu, boowaa onnee koo na raaftu? Ani hidhamuudhaaf qofa hin ta'in maqaa Gooftaa Iyyaruusaaleemitti du'uuf immoo qopha'eera" jedhe. <sup>14</sup>Waan Phaawuloos gorsa keenya fudhachuu dideef caldhisuun "Ergaa fedhiin Waaqayyoo haa ta'u" jenne. <sup>15</sup>Guyyoota kana booda, boorsaa keenya qabanne gara Iyyaruusaaleemitti ol-deemne. <sup>16</sup>Qiisaariyaadha barattootni tokko tokko nu waliin deeman. Isaanis nama maqaan isa Minaasoon jedhamu nama Qophiroos fedanii waliin dhufan, innis baratoota isaan duraa keessaa ture, nutis isa waliin turre. <sup>17</sup>Yammuu nuti Iyyaruusaaleem geenyu obbollonni gammachuudhaan nu simatan. <sup>18</sup>Guyyaa itti fufus Phaawuloos nu waliin gara Yaa'iqobiif jaarsolii hunda bira bakka jiran deeme. <sup>19</sup>Erga inni nagaa isaan gaafatee booda waantoota Waaqayyoo isaan namoota ormaa keessatti hojjate hunda tokko tokkoon gabaase. <sup>20</sup>Yammuu isaanis kana dhagahan, Waqqayyoo ulfeessuun,akkana isaan jedhan "Yaa obbolleessa, akkamitti akka Yihuudoota keessaa kuma baay'eetti lakkaa'aman akka amanan argitee jirta; Isaan hundi immoo seera eeguuf kan inaafaniidha.

<sup>21</sup>Isaanis waa'ee kee akka ati Yihuudoota isaan warra ormaa keessa jiraatan hunda akka Musee dhiisanii ati akka isaan ijoollee isaanii hin kitteannee fi akkasumas akka isaan karaa aadaatiin hin deemne akka barsiiste dhaga'anii jiru. <sup>22</sup>Isaan akka ati dhufte dhagahuun isaanii waan hin afneef, maal gochu qabna? <sup>23</sup>Kanaafuu waan nuti siin jennu godhi. Namoota wareega ofirraa qaban afur nu bira jiru. <sup>24</sup>Nammota kanneen fuudhii isaan waliin seera qulqulinaatiin of-qulqulleesi, gatii isaaniis isaanii kanfali, kanaafuu rifeensa mataa isaan haa aaddatan. Kanaafuu namootni hundi isaan waanti waa'ee keetii dubbatame sun soba ta'u ni beekuu. Isaanis akka ati seeraa qajelaatti ajajamaa jirtu ni baratu. <sup>25</sup>Waa'ee namoota ormaa isaan amanaii garuu, akka isaan nyaata waaqota tolchamniif aarsaa kennname, dhiga irraa, foon horii ofin du'aan nyaachuu fi sagaagalumaa irraa of-eegan murtii keenya isaaniif barreesineerra. <sup>26</sup>Kanaafuu Phaawuloos namoota sana fudhatee, guyyaa itti fufu isaan waliin of qulqulleesse. Achiins guyyoonni sirna qulqullinaa yoom akka xumuramuufi aarsaan tokko tokkoon isaanii immoo yoom akka dhiyeffamu beeksiisa kennuuf gara mana qulqullina keessa dhaqan.

<sup>27</sup>Yammuu guyyoonni torban sun xumuramuuf gahu, Yihuudotni Isiyaa dha dhufan tokko tokko, Phaawuloos mana qulqullinaa keessatti waan arganiif, tuuta hunda isa irratti kakaasuun qaban. <sup>28</sup>Isaanis iyyuudhaan "Yaa namoota Israa'eel nu garagaaraa, namni kun namoota hunda bakka hundatti wantoota namootaaf, seeraa fi bakka kanaaf faallaa ta'an isa barsiisuu dha. Kana malees, Giriikoota immoo mana qulquluutti fiduudhaan bakka qulqulluu kana xureessa. <sup>29</sup>Isaaniis kana kan jedhaniif, kana dura nama Efeesoon Xiroofimoon waan magaalaa keessatti isa waliin arganiif Phaawuloos mana qulqullinaa keessa waan isa fide isaanitti fakkaateeti. <sup>30</sup>Magaalaan sun hundi ni jeqamte; namootnis tokko ta'uun gara Phaawuloositti figuun qaban. Isaanis lafa irra isa harkisanii mana qulqullutti gad-isa baasuun, ennasuma balbaloota cufan. <sup>31</sup>Otoo isaan isa ajeesuuf yaalanuu, akka magaalaa Iyaaruusaaleem hundi jeqamaa jirtu oduun gara ajajaa waraana qaqaabe. <sup>32</sup>Innis yeroodhuma sanatti loltoota fi ajajaawan dhibbaa fudhatee gara tuutaatti dafee gad-fiige. Yammuu uummatni ajajichaaf loltoota argan, Phaawuloos tumuu dhisan. <sup>33</sup>Ajajaan sunis Phaawuloositti dhaqee qabe, akka inni sansalata lamaan hidhamuus ajaje. Achinis akka inni eenu ta'ee fi akka inni maal hojachuu ture gaafate. <sup>34</sup>Tuuticha sana keessaayyis kaan isaanii waan tokko kan hafan immoo waan biraa jechuun iyyan. Ajajichiis waca irraa kan ka'e dhugaa jiru beekuu waan hindandeenyeef akka Phaawuloos gara buufata loltootaa keessatti fidamu ajaje.

<sup>35</sup>Yammuu Phaawuloos bahuuf gara sadarkaa (gulantaa)tti dhufu, sababa jeequmsa tuutichaa irraa kan ka'e loltootaan baatame. <sup>36</sup>Tuutni uummaticaas isa duukaa hordofuun iyyuu, isaanitti fufuun "Isa dhabamsiisaa!" jedhan. <sup>37</sup>Akkuma Phaawuloos gara buufata loltootaatti dhufuudhaaf ka'eetti innis ajajichaan "Akkan waan tokko sitti dubbadhuu naa eyyamamaa?" jedheen. Ajajichis "Afaan Giriik beektaa?" jedheen. <sup>38</sup>Ati kanaan dura nama biyya Misiraatti jeequmsa kaasee namoota nama aijeesan kuma afur dura bu'uun lafa onaatti daggala gale sana mitii? <sup>39</sup>Phaawuloosiis " Ani nama magaala ishii beekamtu Xarsees kan Kiilqiyyaa keessatti argamtuudha. Akkan ani uummata kanaa dubbii taasisuuf akka naa eyyamtuuf sun kadhadhaa" jedhe. <sup>40</sup>Yammuu ajajichi eyyama isaaf kennu, Phaawuloos sadarka (gulantaa) irra dhaabate akka uummatni caldhisuuf harka isaa ol-qabe. Yammuu caldhisni guddaab ta'u, afaan Hibruutiin dubbate. Innisakkana jedhe.

## Chapter 22

<sup>1</sup>"Yaa obbolottaaf abboota, falmaata koo isan ani isiniif dhiyeesu dhagahaa." <sup>2</sup>Yammuu Phaawuloos afaan Hibruutiin dubbisaa isaa itti himu, tuutichis caldhisuun dhagahan. Innisakkana jedhe.<sup>3</sup>nama Yihuudaa, kaniin Xarsees ishii biyya Kiilqiyyaatti argamtu keessatti dhaldheedha, garuu kaniin guddadhee miila Gamaaliyaa jala taa'uun baradhe asuma magaalaa kana keessattidha. Akkuma hardha isin hundi keessan inaafitan kana anis Waqaqayyoof inaafeera, Ani haala ciminaan karaa seera Abbootaa baradheera. <sup>4</sup>Namoota dhiiraa fi dubartii lachuu isaan karaa kana irra deemuun hunda hanga du'aatti hari'achuun, isaan qabee gara mana hidhaatti isaan galcheera. <sup>5</sup>Akkuma lubni ol-aanaa fi jaarsooliin dhugaa bahuu danda'anitti, gara Damaasqoo deemuuf isaan biraa xalayyaa fuudhee gara obboloota isaanii gara Damaasqoo isaan hidhee akka adabamanii gara Iyyaruusaaleemitti fiduuf deemeen ture.<sup>6</sup>Gara guyyaa walakkaatti, akkuma gara Damaasiqotti dhiyaadheen battalumatti iftii guddaa samiidhaa naannawa kootti ife. <sup>7</sup>Anis lafa dhahuun sagalee 'Saa'ool, Saa'ool ati maaliif na ariita?' naan jedhun dhagahe. <sup>8</sup>Anis 'Yaa Gooftaa ati eenyuudha?' jedhee deebiseef Innis 'Iyyasuus nama Naazireet, usa atii ariituudha' naan jedhe.<sup>9</sup>Namootni isaan ana waliin jiran ificha argan malee nama natti dubbachaa jiru sagalee isaa haalaan hin hubanne. <sup>10</sup>Anis 'Yaa Gooftaa maal haagodhu?' jedhen. Gooftaanis akkana naan jedhe 'Ka'iitii gara Damaasqotti deemii. Achiittis waan ati gochuu qabdu hundumaa sitti himamaa.'

<sup>11</sup>Anis sababa iftii sun guddaa ta'eef arguu hin dandeenye, kanaafuu namootni naan waliin jiran suun harka koo qabanii gara Damaasqotti na geessan.<sup>12</sup>Achittis nama Hanaaniyaa jedhamu waliiniin wal-qunname, innis nama ciminaan seera eeguu fi Yihuudoota achi jiraatan birattis kabaja qabuudha. <sup>13</sup>Innis gara koo dhuufun, bukke (cinaa) koo dhaabate, 'Yaa obbolleesa, Saa'ool, arguu danda'i.' Anis ennasuma, yeroodhumasanatti isa arge.<sup>14</sup>Innis 'Waaqni abboota keenyaa akka ati eyyama isaa beektuu, akka isa qulqullicha san argituuf dubbii afaan isaa irra bahu dhageessuuf si filaateera. <sup>15</sup>Kunis waa'ee waan argitee fi dhageesse akka atii namoota hundaaf dhugaa isaaaf baatuufi. <sup>16</sup>Ega amma maala eegda? Ka'itti maqaa isaa waamaa, cuuphami, cubbuu keess of irraa dhiqi.<sup>17</sup>Ergan ani gara Iyyaruusaaleemitti deebi'ee booda, otoon mana qulqulluu keessatti kadhata irra jiruu, muldhatri natti dhufe. <sup>18</sup>Yammuu inni akkana naan jedhun arge 'Dafitii ariitiidhaan Iyyaruusaaleem keessa bahi, sababni isaa waa'ee koo waanti ati isaaniif dhugaa baatuu hin fudhatanii.'<sup>19</sup>Anis 'Yaa Gooftaa isaan ofumasaaniitiinuu akkan ani warra sitti amanan mana hidhaatti isaan darbadhuu fi isaan tumuuf mana sagadaa hunda irra akka naanna'u ni beekuu. <sup>20</sup>Yammuu dhiigni dhugaa baatuu keetii, Isxiifanoos dhangala'u raawwii sana irratti namoota isa aijeessan waliin walii galuun bakka sana dhaabaadhe uffata (huccuu) isaamiin eega ture' jedhe.

<sup>21</sup>Garuu inni immok 'Deemi, sababan ani gara fagootti namoota ormaattin si ergaa' naan jedhe. <sup>22</sup>Isaanis hanga dhuma dubbii isatti dhageeffatan. Achiin sagalee isaanii olkaasun akkana jedhan "Nama akkanaa kun jiaachuun isaa sirrii waan hin taaneef lafa gubbaa irraa dhabamsiisaa." <sup>23</sup>Otuma isaan iyyaa, uffata (huccuu)isaani dadarbachaa fi awwaaras gara samiitti ol-bittinsaa jiraanuu, <sup>24</sup>ajajaan sun akka Phaawuloos gara buufata loltootaa keessatti fidan ajaje. Innis namootni maaliif akkanatti isaan mormaa akka isatti iyyan beekuuf jedhee, akka isa garafanii qoratanii ajaje.<sup>25</sup>Yammuu isaan teephaanisa hidhanii garafuuf qophaa'an, Phaawuloos ajajaa dhibba isa bukkee (cinaa) dhaabatuun "Lammii Roome tokko murtii tokko malee garafuun seerrii ni eyyamaa? jedheen. <sup>26</sup>Ajajaan dhibba suunis yammuu kana dhagahu, gara ajajaa waraanaa (ajajaa kumaa) dhaqee akkana jedhee itt hime, "Ati maal gochuu dhaafi? Namni kun lammii Roomee dha?"<sup>27</sup>Ajajichi sunis dhufee "Mee nattu himi ati lammii Roomee dha?" isaan jedhe. Phaawuloosis "Eeyyee" jedheen. <sup>28</sup>Ajajaan sunis "Ani lammummaa kana argachuuf qarshii baay'ee ta'un itti baase" jedheen. Phaawuloos garuu deebisee "Ani immoo lammii Roomee ta'een dhaladhee."<sup>29</sup>Kanaafuu namootni isa qoruuf yaadan suun ennasuma isa dhisan. Ajajichis, yammuu inni akka Phaawuloos lammii Roomee ta'uu beekuu sababa isa hidheef sodaate.<sup>30</sup>Guyyaa itti fufu ajajaan sun sababa Yihuudooti Phaawuloos himatan beekuu barbaadee. Kanaafuu hidhaa isaa iraa hikkee, lubboon hangafaa fi gumiin hundi akka walitti qabamanii ajaje. Achiin Phaawuloos gad-fiduun jidduu isaanii dhabe.

## Chapter 23

<sup>1</sup>Phaawuloosis gara miseensota gummi xiyyeefanoon ilaaluunakkana jedhe "Yaa obbolota ani hanga guyyaa kanaatti fuldura Waaqayyooti sammuu qulqulluudhaaniin jiraadha. <sup>2</sup>Lubni ol-aanaan Hanaaniyaan namoota isaan isa bukkee (cinaa) dhaabatan akka afaan isaa dhahan ajaje. <sup>3</sup>Phaawulosisakkana isaan jedhe, "Ati gidgiddaa booraleedhaan dibame nanaa Waaqni si dhaha; Ati seeraan natti murteesuuf taa'aa otoo jirtuu, seeraan ala na rukuchisuuf ajajja? <sup>4</sup>Namootni isaan isa bukkee (cinaa) dhaabatanis, "Ati akkanattidhaan kan lubba ol-aanaa Waaqayyoo kan arrabsitu?" jedhan <sup>5</sup>Phaawulosis, "Yaa obbolota, ani hin beekne, akka inni lubba ol-aanaa ta'e. Akkaakkana jedhame barreeffame "Bulchaa uumata keettiti hamaa dubbachuu hin qabdu." <sup>6</sup>Phaawuloos akka gareenisaan saaduqoota gareen biroo immoo Fariusoota t'uu isaanii waan beekeef, inni gumichaa sagalee isaa ol-kaasee "Yaa obbolota, ani farisicha, ilma farisichaati dha. Sababni natti murtaa'uuf waaniin ani abdii du'a ka'iinsaa qabuufiida" jedhe. <sup>7</sup>Yammuu inni kana jedhu, Fariisootaa fi Saduqoota jidduutti wal mormiin jalqabame, tuutichis ni quodame. <sup>8</sup>Sababa Saaduqonni du'aa ka'insi, maleekootni fi hafuura waanti jedhamu hin jiru jedhan fi fariisonni immoo kun hundi akka jiran beekamtii waan kennanifidha. <sup>9</sup>Jeequmsi guddaanis ni uumame, garee fariisootaa keessaas tokko tokko barsiisonni seeraa ol ka'uun "nama kana irratti nuti badii homaa hin argine, Hafuuri yookin maleekaan isatti dubbatee yoo ta'e hoo?" jedhan. <sup>10</sup>Yammuu mormini guddaan ka'u, ajajicha akka Phaawuloosisaanii bakka hedduutti hin ciciramne, sodaatee, kanaafuu akka loltootni gad-bu'anii jidduu gumichaati humnaanisa fuudhanii gara buufata loltootaatiisa fidan ajaje. <sup>11</sup>Halkan itti fufus Gooftaan bukkee (cinaa) isaa dhaabate "Jabaadhu, akkuma Iyyaruusaaleem keessatti dhugaa naa baatee, akkanumatti Roomittis dhugaa naa baataa" isaan jedhe. <sup>12</sup>Yammu lafti bari'uus Yihuudoota keessaa muraasni akka otoo Phaawuloos hin ajeesiini waan tokko hin nyaaneef hin dhugne mariyachuun waliif kakatan. <sup>13</sup>Sadoo kanas kan qinkeesan namoota afurtamaa ol-ta'u. <sup>14</sup>Isaanis gara luba ol aanaaa fi gara jaarsoolii deemuunakkana jedhan "Nut hanga Phaawuloos ajeefnuuti akka waan tokko hin nyaannee waliif kakannee jira. <sup>15</sup>Kanaafuu, amma, gumichi waan waa'ee Phaawuloos sirriitti qorachuu barbaadan fakkesse akka ajajaan sun gara keessatti gad isa fidu kadhadhaa. Karaa keenyaan, otoo inni achii dhuufa jiruu karaa irrattiisa ajjeesuuf nuti qophii dha. <sup>16</sup>Garu ilmi obboleetti Phaawuloos akka isaanisa eegachuuf karaa irra akka riphan waan dhagayeef gara buufata loltootaa deemuun Phaawuloositti hime.

<sup>17</sup>Phaawuloosis ajajaawwan dhibbaa keessaa tokko waame "Dargaggeessi kun waan isatti himu tokko qabaa gara ajajaa isa guddaatti geessi" jedhe. <sup>18</sup>Kanaafuu ajajaan dhibbichaas dargaggeessa sana gara ajajaa isa guddaatti fide, "Phaawuloos inni hidhamaan sun ofitti na waamuun akkan dargaggeessa kana gara kee fidu na gaafate. Innis waan sitti himuu tokko qaba" jedhe. <sup>19</sup>Ajajichis harka isaa qabee gara bakka qobaatti baasuun "Maalii dha inni waanta ati naaf gabaastuu?" jedhee gaafate. <sup>20</sup>Dargaggesichisakkana jedhe "Yihuudootni waan waa'ee isaa sirritti qorruu barbaadan fakkaataan akka ati Phaawuloos boru gara gumiiit gad fiddu si gaafachuuf walii galanii jirru. <sup>21</sup>Ati garuu hin sarmiiniif, sababnisisaan namoota afurtamaa ol ta'an karaa irratti riphaniiisa eeggachaa jiru. Isaanis hanga isa ajjeessanitti akka waan tokko illee hin nyaanne fi hin dhugnee kakuu waliif galanii jiru, kunoo ammayyu qophaa'anii akka atti mirkaneesituuf eeggachaa jiru. <sup>22</sup>Ajajaan sunis "Ati waantoota naaf gabaafte kana nama biroo tokkotillee akka hin himnee" jedhee dargaggesichaa akeekkachiisuun gad dhiisee. <sup>23</sup>Innis akkasumaan ajajaawwan dhibbaa keessaa lamaanisaanii ofitti waamee "Loltoota dhibba lama, abbaa fardeennii torbaatama akkasumas abbaa eeboo (waraanaa) dhibba lama qopheessaatti halkan kees sa'aatii saditti asii ka'aatii gara Qiisaariyaa deemaa" jedheen. <sup>24</sup>Innis immoo akka horii yaabii kan Phaawuloos yaabatee nagaadhaan gara Filiiks, isa bulchaa biyyaa bira itti dhuufu akka qopheessaniiisaan ajaje. <sup>25</sup>Achiis innis xalayya haala kanaan barreesse; <sup>26</sup>"Qalaadiyoos Loosiyaas irraa, gara kabajamaa, bulchaa biyya Filiiksiif, nagaan siif haa ta'u. <sup>27</sup>Namni kun Yihuutan qabamuunisaaniihangajjeechaatti gahee ture, ani garuu yammu inni akka lammii Roomeetae' beekuu loltoota koo waliin deemeeisa baase. <sup>28</sup>Ani akka isaan maalifisa himatan beekuu waanin barbaadeefisa fuudhee gara gumiiisaanitti gad buuse. <sup>29</sup>Ani akka inni waa'ee gaafie seera isaaniiif akka himatameen beeka malee yakka waan du'aaf yookin hidhaafisa gahuu waan tokkollee hin qabu. <sup>30</sup>Akka sadoo nama kanatti sadan gabaasni waan nagayee tureef, anis battalumattiisa gara keetti erguun warriisa himatanis akka himata isarratti qaban siif dhiyeessanajjeen jira. <sup>31</sup>Kanaafuu loltootni sunis waan ajajamanni raawwatan. Isaanis halakaniis Phaawuloos fuudhanii gara Antiiphaaxiriisisa geessan. <sup>32</sup>Guyyaa itti fufuttis, loltootni baay'een akka abbaan fardeenniiisa waliin deeman gochuunisaan ofiinisaanii gara buufata loltootaati deebi'an. <sup>33</sup>Yammuu abbaan fardeennii Qisaariyaa qaqqaban xalayaaisaanii bulchaa biyyaatti kennan, akkasumas Phaawulosiis isatti kennan. <sup>34</sup>Bulchaan biyyaas xalayicha erga dubbisee booda, Phaawuloos kutaa kamii akka dhufe gaafate. Yammuu inni Kilqiyyaa irraa ta'u beekuu, <sup>35</sup>"Ani yammuu himattootni kee as dhufanini guuttumman si dhagaha" jedheen. Achiin akka inni mana mootummaa Heroodis keessatti eegamu ajaje.

## Chapter 24

<sup>1</sup>Guyyoota shaniin booda Hanaaniya luba ol aanaan, jarsoolii tokko tokkoo fi abukaatoo nama, xarxuloos jedhamuu achi deeman. Namootni kunis himata isaan Phaawuloos irratti qaban bulchaa sana fulduratti dhiyeessan. <sup>2</sup>Yammuu Phaawuloos ol ka'ee fuldura bulchaa dhaabatu, xarxuloos bulchaadhaan akkana jechuun isa himachuu jalqabe, "Sababa keetiin nuti nageenya guddaa arganeerra, ilaalchi keessa saba keenyaaf haaromsa gaarii fidera <sup>3</sup>Baay'ee kabajamaa Filiiks, galata kana caala waan atibgootu hunda ni fudhanna. <sup>4</sup>Kanaafuu kana caala akkkan si hin dadhabsiifne gabaabaadhumatti akka garalaafuummaa keetiin nu dhageessu sin kadhadha. <sup>5</sup>Nuti akka namni kun dhibee ta'uun, Yihuudootni addunyaa hunda keessa jiran akka jeqamaniif sababa isa ta'e dha. Inni dura bu'aa garee Naazirootaati. <sup>6</sup>Akkasumas yammuu inni mana qulqulluu xureessuuf yaaluu, isa qabne. <sup>7</sup>- <sup>8</sup>Yammuu ati waa'ee kanaa hunda Phaawuloos qorattu, waa'ee waantoota kanaa hunda waantoota isa nuti isa himachaa jirru kan beekuu ni dandeessa." <sup>9</sup>Yihuudootnis immoo himata kana irratti makamuun, akka dhugaa ta'e mirkaneessan. <sup>10</sup>Yammuu bulchaan akka Phaawuloos dubbatuuf harka kaasee mallattoo kenuuf, Phaawuloosis "Bara baay'eedhaaf akka ati abbaa murtii saba kanaa taate nan beeka, kanaafuu gammachuudhaanii siti of beeksiisa. <sup>11</sup>Sagaduudhaaf gara Iyyaruusaaleem kanin deeme akka guyyoota kudha lama hin caalle ati ofuma keetiin beekuu ni dandeessa. <sup>12</sup>Yammuu isaan mana qulqulluu keessatti na argan eenyuma waliinu hin mormine, mana sagadaa keessattis ta'ee, yookin magala keessatti uummata hin kakaafne. <sup>13</sup>Isaanis waan amma ittin na himatan kanaaf ragaa dhiyeessan mirkaneesuu hi danda'an. <sup>14</sup>Garuu waantiin sitti himub, ani akka karaa, isa isaan barumsa dharaa jedhani waaman sanatti, ani Waaqa abboota keenyaan tajaajila, waantoota seeraa fi raajota keessatti barreeffaman hundattis nan amana. <sup>15</sup>Akkuma namoota kanaattis immoo Waqaqayyo irraatti warri qulqulloonis warri hamoonis akka du'aa ka'an, abdii nan qaba. <sup>16</sup>Kanaafuu ani yeroo hunda Waaqaa fi namoota hunda fulduratti sammuu qulqulluu akkan qabaadhuu nan tattaafadha. <sup>17</sup>Ani ammas wagoota dheeraan booda saba koo isaan iyyeyyidhaa kenne, Waqaqayyoof immoo aarsaa dhiyeesuuf jechan dhufe. <sup>18</sup>Yammuu ani waan kana godhu Yihuudootni muraasni Isiyaa dhaa dhufan otoon ani mana qulqulluu keessatti seera qulqulaa'inaa raawwadhu na argan, namoota waliin hin jiruuyyuu yookin jeequmsis hin jiru ture. <sup>19</sup>Garuu namootni kun yoo waan ittin na himatan tokkollee qabaatan si fulduratti naa himatan. <sup>20</sup>Yookin, namootni isaanumti kun balleessa yammuu an fuldura gimii Yihuudoota dhabadhu argan maal akka ta'e haa dubbatan. <sup>21</sup>Yammuu ani isaan fuldura dhaabadheeyyu waa'ee waan tokkoo malee, waa'ee du'a ka'uumsa wara du'anii, isaan ani qorame fuldura keessan hunda dhaabadhe malee. <sup>22</sup>Filiiksi inni waa'ee karaa kana sirritti beeke, waan kana dhagahu guyyaa biraatti dabarse. Innisakkana jedhe, "Yammuu Luusiyooos ajajaan kumaa Iyyaruusaaleemii gad-dhufuun dhimma keessan murteessa." <sup>23</sup>Achiin inni ajajaan dhibbaa akka Phaawuloos to'annaa jalatti akka eegamub, garuu immoo hiriyoonni isaa isaan wal arguu yoo barbaadan akka hin dhoowwanne bilisa akka argatu jechuun ajaje. <sup>24</sup>Guyyoota muraasaan booda Filiiks haadha manaa isaa Daruusiilaa, ishi Yihuudii turtee waliin deebi'e, Phaawuloositt erguun waa'ee Iyyasuus Kiristoositt amanuu isa irraa dhagayee. <sup>25</sup>Yammuu Phaawuloosis waa'ee qulqullumaa, waa'ee of dhoowwu fi waa'ee murtii isa gara fulduraatti dhufuu dubbatu, Filiiksitsi sodaachuun akkana jedhe, "Ammaaf deemi, garu boodarrati yammuu yeroo qabaadhe, sin waamsisa." <sup>26</sup>Akkasumas waan Phaawuloos qarshii (malaamaltummmaa) isaaf kennuuf jecha, yeroo, yeroodhaan waamsiisuun isa waliin dudubbata. <sup>27</sup>Erga waggoonni lama darbee booda Phoorqiyooos Fisxoos bakka Filiiksitti dhufuun bulchaa biyyaa ta'e, garu Filiiksi Yihuudoota irraa fudhatama argachuuf jedhee Phaawuloos mana Hidhaa keessatti dhiise.

## Chapter 25

<sup>1</sup>Fisxoosis erga gara bulchaa kutaatti seenee, guyyoota sadiin booda, Qiisaariyaa irraa gara Iyyaruusaaleemitti ol deeme. <sup>2</sup>Luboон angafoonи fi dura bu'oon bebeekamoo Yihuudootaa himata Phaawuloos irratti isaan qaban fidanii, jabeessanii Fisxoos gaafatan. <sup>3</sup>Iсаanis karaa irratti riphani waan Phaawuloos ajeesuuf qophaa'aniif akka Fisxoos dabsee nama ergee gara Iyyaruusaaleemitti fidanii isa gaafatan. <sup>4</sup>Fisxoosis Phaawuloos Qiisaariyaatti hidhaa keessa akka jiruuf innuu ofumasaatiin dhufee akka achi deemu isaanitti hime. <sup>5</sup>"Kanaafuu warri danda'an, Nu waliin achuu deemu ni dandeesu, yoo badiin tokko nama kana irratti argame, isa himachuu ni dandeessu" jedhe. <sup>6</sup>Fisxoosis guyyoota saddeet yookin kudhan caala achi hin ture, achiinis gara Qiisaariyaatti gadbu'ee, guyyaa itti aanutti teessoo murtii irra taa'ee akka Phaawuloos gara isaatti fidan ajaje. <sup>7</sup>Yammuu inni achi gahu, Yihuudootni Iyyaruusaaleemii dhufan isa bukkee (cinaa) dhaabatu turan, isaanis himatoota baay'ee isaan cicimoo ta'an garuu immoo kan ragaa homa itti argachuu hin dandeenye dhiyeessan. <sup>8</sup>Phaawuloosisakkana ofirraa mormate, "cubbuun ani faallaa seera Yihuudootaa yookin faallaa mana qulquluu, yookin faallaa Qeessaar ani hojjadhe hin jiru." <sup>9</sup>Fisxoos gara Yihuudota biratti fudhataman argachuu waan barbaadeef, kanaafuu deebisee Phaawuloosiinakkana jedhe "Gara Iyyaruusaaleemiti ol deemtee waa'ee waan kana achiitti akka anaan murtii argachuu barbaadaa?" <sup>10</sup>Phaawuloosis "Ani teessoo murtii Qeesaar fuldur an dhaabachaa jira bakka ani murtii itti argadhu. Akkuuma atuu sirriitti beektu Yihuudootaa irratti badii tokkollee hin hojjanne. <sup>11</sup>Haa ta'u malee yoodhan waan du'aan na gahu badii fi yakka hojjadhe, akkan hin duunee waantiin mormu hin jiru. Garu himmanni isaanii yoo homaa hin taane, namni tokkollee dabarsee harka isaanitti na kennuu hin danda'u, Ani gara Qeesaarittis oliin iyyadha. <sup>12</sup>Fisxees erga gummi waliin mariyatee booda "Gara Qeesaaritti iyyadhu, gara Qeesaar deemi" jedhee deebiseef. <sup>13</sup>Guyyoota muraasaan booda, mootichi Agriiphaa fi Barniiqueen Fiisxoos harka fuudhuuf gara Qiisaariyaa qaqqaban. <sup>14</sup>Erga isaan guyyoota baay'eef achi turanii booda, Fisxoosis waa'ee Phaawuloos mootichaaakkana jechuun ibseef, "Namni Feeliks mana hidhaatti isa dhisee deeme tokko as jira. <sup>15</sup>Yammuu ani Iyyaruusaaleem keessa tureeyyu, Luboon ol aanaa fi jaarsoliin warra Yihuudootaa nama kanattim himatan mormii akkan isaaniif murteessuu nati fidan. <sup>16</sup>Anis akka namni kamyuu otoo himmatoota fuldura dhufee hin dhaabatiin waan ittiin himatame sanaa deebii kennuu otoo carraa hin argatiin dabarfamee kennamuuf addaa warra Roomee akka hin taane isaanitti himeen jira. <sup>17</sup>Kanaafuu yammuu isaan na wajjin as dhufan, tursiisuu waan hin barbaanneef bariitii isaa teessoo murtii irra taa'uun akka namicha naa fidan ajaje. <sup>18</sup>Himmatootni isaas yammuu ol ka'anii dubbattan yakka isa himatuu jedhee ege tokkolee isa irratti hin dhiyesin. <sup>19</sup>Garuu waa'ee amantii isaaniitii fi waa'ee Iyyasuus isa du'e tokkoo, isa Phaawuloos immoo inni jiraataadha jedhee dubbatuu irrattii waldhabu. <sup>20</sup>Anis waan kana akkamittin akka hiikuu bitaa waan natti galeef akka inni gara Iyyaruusaaleem deemee achitti akka himmanaan isaa qoratamuuf fedhii qabaachuu isaan isa gaafadhe. <sup>21</sup>Garuu yammuu Phaawuloos waa'ee isaa akka mootii moototaa biratti isaaf ilaalamuu ol iyyannoo waan gaafateef anis hanga gara Qeesaaritti isa erguutti akka eegamuu ajaje. <sup>22</sup>Agriiphaanis Fisxoosiin "Anis immoo mee nama kana dhagahuu nan barbaada." Fisxoosis "Boruu eegaa isa ni dhageessa" jedheen. <sup>23</sup>Kanaafuu guuyyaa itti fufuu Agriiphaa fi Barniiqueen ulfina guddaadhaan dhufanii bulchoota ol annaa loltootaa fi namoota bebbeekamoo magaalichaa waliin gara galmaa keessa seenan, ajaja Fisxoosin Phaawuloos dhiyaate. <sup>24</sup>Fisxoosisakkana jedhe "Mooticha Agriiphaa, akkasumas namoota asitti nu waliin argamtan hundi, nama kana ni argitu, Yihuudootni Iyyaruusaaleemii fi asis Qiisaariyaa keessa jiraatan hundi isaanii hoomaadhaan namni kun kanaan achi lubbuudhaan juraachuu hin qabuu jechuudhaan iyyaa na kadhatan. <sup>25</sup>Anis waan isa hanga ajeechaatti isaan gahu waan tokkollee akka inni hin hojjannen hubadhe. Haa ta'u malee waan inni gara mootii moototaatti ol iyyateef, ani gara Roomeetti isa erguuf murteesse. <sup>26</sup>Garuu waa'ee isaa waanti mirkaanaa'e waantiin gara gooftaa kootiitti isaaf barreessu hin arganne. Kanaafuu akka qorrattanii waan mirkanaa'a tokko anis waanisaaf barreessuu danda'u akka argataniifiin hunda keessan, keesumaayyuu kara kee, mootii Agruiphaa fuldurattin isa fide. <sup>27</sup>Kunis nama hidhamaa tokko yammuu ol ergamu sababa ittiin himatame haal gaariidhaan otoo hin ibsiin erguun sirri waan natti hin fakkaanneef.

## Chapter 26

<sup>1</sup>Agriiphaanis Phaawuloosiin "Akka ofikeetiif dubbattu si eyyameera" jedheen. Yammuu kanas Phaawuloos harka isaa diriirsee mormii isaa dhiyeessuu jalqabe. <sup>2</sup>"Yaa mooticha Agriiphaa, hardha waan Yihuudootni nahimatan hundaaf fuldura kee dhaabadhee mormuu carraa kana argachuu danda'u kootif gammachuutuu natti natti dhagahama. <sup>3</sup>Keessumaayyu sababa ati bartee (aadaa) fi wal mormii Yihuudootaa sirriitti beektuu fi, kanaafuu akka ati obsaan na dhaggeeffatuu sin kadhadha.<sup>4</sup>Dhugaadhumaan ijoollummaa koo irraa jalqabee saba koo keessattiifii Iyyaruusaaleem keessatti akkan jiraachaa ture Yihuudootni ni beeku. <sup>5</sup>Akkasumas jalqabumarraa kaasee, waa'ee koo akkan ani seera amantii keenya ciminaan hordofaa akka fariisotaatti akkan jiraachaa ture, yoo eyyaman isaanumtuu dhugaa bahuu ni danda'u.<sup>6</sup>Ammas ani kaniin himatamee as dhaabadheef sababa abdii kootii isa Waaqayyo abboota keenyaaf kenne sana fudhachuu kootiifii dha. <sup>7</sup>Abdiin kun isuma gosoonni keenya kudha lamaanuu fudhachuu halkanii fi guyyaa garaadhaan Waaqayyoo waqqeesan sanaa dha, egaa abdii kanaadha, yaa mooticha, inni Yihuudootni ni himataniif. <sup>8</sup>Maaliifidha isin akka Waaqayyoo warra du'un du'aa kaasuu isaa akka dinqii waan hin amanamne tokkootti murteesittan?<sup>9</sup>Ani ofumakootiinuu maqaa Iyyasuus nama Naazreet kana mormuu akkan waanin danda'u hunda gochuu qabu murteesseen ture. <sup>10</sup>Iyyaruusaaleem keessattis waantiin ani godhu kanuuma, ani luboota angafootaa irraa angoo argachuun qulqullota Waaqayyoo baay'ee isaanii gara mana hidhaatti isaan galcheera, akkasumas yammuu isaan ajjeefamanis irratti waligaluun sagalee koo kenneerra. <sup>11</sup>Ani yeroo baay'ee mana sagadaa hunda keessatti isaan adabeera akka waan abaarree jedhaniifis isaan dirquuf yaaleera, aaridhaanis guutamuun hanga magaalota biyya alaatti isaan hordofuun aruyaan ture. <sup>12</sup>Haaluma kanaan aangoo fi ajaja lubba olaanaa irraa fudhadhee, waan kana raawwachuu gara Damaasqoo otuun deemaajiru, <sup>13</sup>karaa sana irratti guyyaa walakaatti yaa mooticha, ifa ifti isaa ifa aduu caaluu, naannawaa koofi naannawa namoota na waliin adeemaa jiranitti yammuu samiidhaa ibsamuun arge. <sup>14</sup>Yammuu hundi keenya lafatti kufnu, anis sagalee afaan Ibraayisxiitin 'Saa'ool, Saa'ool, ati maaliif na ariita? Aricha dhiibuun miidhaan isaa sumatti cima' naan jedhun dhagaye.<sup>15</sup>Anis 'Yaa Gooftaa ati eenyuudha?' jedhe. Gooftaanis deebise 'Ani Iyyasuus isa ati ariituudha. <sup>16</sup>Ammas ka'iitii miila keetiin dhaabadhu, anis akka tajaajilaa koo taatee, waa'ee koo waan beektuu waaniin ani kanaan booda sitti muldhisuuf jiruu, sababa kaayyoo kanaatiif ani sitti muldhadhee si filadheeraa, <sup>17</sup>Ani saba kanaafi namoota ormaaaniisaanitti si erguu irraa sin egaa. <sup>18</sup>Atis ija isaanii bantee, dukkanakeessaa gara ifaatti, hafuura manca'aa seexana irraa gara Waaqayyootti isaan deebifta, kunis akka isaan dhifama cubbuu Waaqa biraa fudhatanii warra natti amanuu isaanittiqajeellumaa argatanii waliin akka dhaala argataniif.<sup>19</sup>Kanaafuu, yaa mooticha Agriiphaa, muldhata samii kanaa ajajamuu hindhisuu, <sup>20</sup>haa ta'u malee, anis duraan dursee warra Damaasqoo keessa jiraataniif, achinis warra Iyyaruusaaleem keessaa fi biyya Yihuudaa hunda keessa warra jiraataniif, akkasumas warra hormaatiif, akka isaan cubbuu irraa yaada jijiirrataniif gara Waaqayyootti deebi'aniifi cubbuu irraa deebi'uu isaanii akka hojiidhaan muldhisiinif ergaa kana isaanii lallabe. <sup>21</sup>Sababuma kanaaf Yihuudootnii mana qulqulluu keessatti na qabuun na ajeesuuf yaalan. <sup>22</sup>Kanaafuu garagaarsa isa Waaqayyoo biraa dhufu hanga guyyaa hardhaatti waanin argachaa jiruuf, kunoo asi dhaabadhee xiqaafi guddadhaaf dhugaa baha malee waan raajonniif Museen jedhanii irratti dabalee waantiin dubbade tokkollee hin jiru, <sup>23</sup>inni Kiristoos dhiphachuu akka qabuu fi isaan du'an keessa inni du'aan ka'un isa jalqabaa ta'uun saba keenya fi namoota ormaatiif ifa labsa."<sup>24</sup>Akkuma Phaawuloos mormii isaa fixeen, Fixoos sagalee isaa ol kaasee, "Phaawuloos, ati samuun kee xuqameera, barumsi kee guddaan si maracheera" jedheen. <sup>25</sup>Phaawuloos garuu "Yaa kabajamaa Fisxoos, ani hin maraanne, waantin ani dubbachaa jiru kun dhugaadha, sirriidhaas. <sup>26</sup>Waa'ee wantoota kanneenii kana mootichi ni beeka, waanti isa jala dhokatees hin jiru, kanaafuu ifumattan isatti dubbadeha.<sup>27</sup>Yaa mooticha Agriiphaa raajotatti amantaa? Akka amantu nan beeka." <sup>28</sup>Agriiphaanis phaawuloosiin "Yeroo muraasa kanatti ati Kiristaana ana gochuuf jettaa?" <sup>29</sup>Phaawuloosis "Yeroo xiqoos ta'u dheeraa keessatti si qofa otoo hin ta'iin warri hardha kana dhagahaa jiran kun hundii hidhaa (sansalata) kana malee akkuma akka koo ta'anii Waaqayyoona kadhadha" jedheen. <sup>30</sup>Kanaan booda moottichii, bulchaan biyyaa fi Barniiquees, akkasumas warreen isaan waliin taa'an ol ka'anii dhaabatan. <sup>31</sup>Isaanis yammuu galmicha gad lakkisanii bahan "Namni kun du'aaf dhiifnaan hidhaadhaafu waanti isa geessissuu tokkollee hin jiruu" waliin jedhan. <sup>32</sup>Agriiphaanis Fiisxoosiin "Namni kun otoo gara Qeesaaritti ol-iyyachuu baatee gad-isa lakkisuun ni danda'ama ture" jedheen.

## Chapter 27

<sup>1</sup>Akka dooniidhaan gara Ixaaliyaa deemuun keenya yammuu murtaa'u, Phaawuloosifii hidhamtoota kaannenis ajajaa dhibbaa Yuuliyoos jedhamuu kan miseensa kutaa waraanaa Awugisxoos jala jirutti dabarfamanii kennaman. <sup>2</sup>Nutis doonii Adraamixiisi ka'ee kutaa Isiyaa buufatoota qarqara galaanaa galaanaa jiranitti fidu tokko yaabachuun galaana irra deemuu jalqabne. Arissirokoos namni Tasaloonqee Maqeedooniyaa keessaa tokko nu waliin deeme. <sup>3</sup>Guyyaa itti fufutti magaalaa Siidoonaa bakka Yuudiyoosi Phaawuloosiif arjummaa itti godheefii akka gara hiriyoota isaa deemee waan isa barbaachisu argatuu eyyameeffitti dhufne. <sup>4</sup>Dooniidhaan achii kaanee galaana irra deemnee bubbleen fuldura keenya waan nutti ka'eef Qoophiroosiin dayeeffanee dARBINE. <sup>5</sup>Erga dooniidhaan galaana irra qarqara Kilqiyyaa fi Phanfiliyaatiin ceene Muuraa, magaalaa Luuqiyyaa qubanne. <sup>6</sup>Achiyyis, ajajaan dhibbaa sunis doonii Aleeksandariyaadhaa gara Ixaaliyaa deemuu argee nu yaabachiise. <sup>7</sup>Nutis dooniidhaan guyyoota baay'eef suuta jennee deemuun rakkinaan naannoo Qaniidoos geenyee, yammuu bubbleen akka gara fulduraatti hin deemneef nu dhoowwu karaa Salmunaatiin dhufne Qarxeesiin dayeeffanee deemne. <sup>8</sup>Achiinis rakkina guddaadhahaan qarqara galaanaa sana bira dARBINE bakka buufata Dansaa (Gaarii) jedhamtuutti kan magaalaa Laasiyaa bira jiruutti dhufne. <sup>9</sup>Nutis amma yeroo baay'ee fudhanne, akkasumas yeroon xoomii warra yihuudootaas waan darbee tureef dooniidhaan deemuun hamaa ta'uu ni danda'aa, kanaafuu Phaawuloos isaan of eegachiise, <sup>10</sup>akkanas jedheen "Yaa namoota nanaa, ani akka karaan keenya kun rakkina qabu, rakkini kunis doonichaa fi fee'iisa kana irratti balaa guddaa akka geessissuu fi kana qofa otoo hin ta'iin lubbuudhuma keenyaafuu sodaachisaa akka ta'e nan arga. <sup>11</sup>Ajajaan dhibbaa sun garuu gorsa Phaawuloos caala gorsa hooftuu doonichaa fi gorsa abbaa doonichaa dhagaha ture. <sup>12</sup>Yeroo roobaa (ganna) achii dabarsuuf buufatichii sun mijataa waan hin taaneef baay'een isaanii achii ka'uurrattti waligaluun, akkuma taanu taanee gara magaalaa Finqee yoo qaqqabuu dandeenyee yeroo ganna kana achiitti dabarsiina jechuun gara buufataa karaa ilaala Qarxees kibba dhiyaa fi kaaba dhiyaatti dufuuf murteessine. <sup>13</sup>Yammuu bubbleen kibbaa suuta bubbisuu jalqabu waan akka barbaadan ta'eef isaanitti fakkaate. Kanaafuu chikaala sibiilaa itti doonii hidhan buqisanii qarqara Qarxees qabachuun deemar. <sup>14</sup>Yeroo muraasaan booda garuu bubbleen hammaa "Hariikeen" jedhamuu karaa kaaba bahaatii lafa bishaan jidduu sana irraa ka'uun gad-isaan dhahuu jalqabe. <sup>15</sup>Yammuu kana dooniichii obonboleetti galaana irraatiin qabamee gara bubbleeti deemuu dadhabu, nutis obonboleettichatti gad lakkifne gara bubbleen nu ofetti deemne. <sup>16</sup>Nus bakka xiqqoo Qeedaa jedhamtuu kan bishaanii marfamte tokkoon dayeeffanee darbuun bidiruu lubbuu olchan rakkina baay'eedhaan baasuu dandeenyee. <sup>17</sup>Namootni bidruu lubbuu olchaa kana harkisanii ol baasun wadaroo isatiin akka dooniin caccabee hin badnee naannessani hidhan, bakka Siirtis jedhamuutti cirrachaafi dhoqqeetti bu'ee akka qabamee hin hafneef waan sodaatanifiif doonii isaanii irraa sharaa buusuun akka ofuma isatiin gara barbaadutti deemuu gad-dhiisan. <sup>18</sup>Waan obonboleettiin galaana irraa kun akka waleetti nutti cimaa dhufuef, namootni guyyaa itti fufutti fe'isa isaanii gara galaanaatti gad-darbuu jalqaban. <sup>19</sup>Guyyaa sadaffaattis meeshaalee doonichaa harkuma ofitiin fudhanii dadarbatan. <sup>20</sup>Yammuu otoo aduus ta'ee urjii hin argiin guyyoota baay'ee dabarsineef, obonboleettiin is waan nutti cimaa deemeef, abdiin kana irraa hafuu ni dandeenyaa jenne qabnuu hunda ni fixanne. <sup>21</sup>Isaanis erga midhaan nyaatanii yeroo dheera waan turanii, Phaawuloos walakaas isaanii ka'ee dhaabachuun "Yaa namoota isin otoo gorsa koo dhaggeessanii turtanii Qarxeesii hin kaatan turtan, rakkina fi midhaan kunis isin irra hin gahuuyyu. <sup>22</sup>Ammas taanaan ani akka isin jabaatttan isin gorsa, sababnis doonii kana malee isin keessaa lubbuun tokkoyyu hin baddu. <sup>23</sup>Waaqayyoo innin ani kan isaa ta'eefi innin Waaqeffadhu, kalleessa halkanii Maleekni Inni erge bukkee (cinaa) koo dhaabate. <sup>24</sup>"Yaa Phaawuloos hin sodaatiin, ati fuldura Qeesaar dhaabachuun qabdaa, Waaqayyoos kun namoota si waliin deemaajiran kana hunda isaanii gara laafuma isatiin siif kenneera" naan jedhe. <sup>25</sup>Kanaafuu yaa namoota nanaa jabaadhaa! Ani akka waantii kun akkamuun natti dubbateetti akka ta'u Waaqayyo nan amana. <sup>26</sup>Haa ta'u malee lafa bishaan jidduu tokkootti ba'uun keenya waan hin ooleddh. <sup>27</sup>Yammuu halkan kudha afraffaa ta'u otoo galaana Adiriyyaa irratti asifi achi raafamaa jirruu, gara halkan walkaatti warrii doonicha irra hojjatan waan gara lafaatti dhiyaanne itti fakkaate. <sup>28</sup>Isaanis wadaroo ittiin gad fageenya galaanaa ittiin safaran (lakka'an gad ha'anii yammuu ilaalan gad fageenyi bishaanii gara meetira afurtama ta'e, yeroo muraasaan boodas deebisanii yammuu gad ha'an gara meetira soodomaa ta'e. <sup>29</sup>Isaanis dhagaa qarsaatti buna jechuun waan sodaatanifiif chikaala sibiilaa afur gara duuba doonitti gad ha'an, akka dafe birii'uufis Waaqa kadhatan. <sup>30</sup>Hojjatootni dooniicha irra hojjatanis waan chikaala sibilchaa gara fuldura doonitti buusan fakkeesuun, bidiruu lubbuu oolchaa gara galaanatti buusanii ofuma isaanii qofa olchuu yaalan. <sup>31</sup>Phaawuloosis garuu ajajaa dhibbaa fi loltootaan "Yaa namootni kun asi doonii keessa turan malee isinis badii irraa hafuu hin dandeessan jedheen. <sup>32</sup>Aksumaan loltootni wadaroo bidiruu sana irraa kutuun bidiruu sana gad lakkisan. <sup>33</sup>Akkuma lafti bari'uuf jedheen Phaawuloos akka midhaan nyaatanifiif isaan jajjabeesse. Innis "Guyyoota

kudha afran kanatti garaa keessan rarra'ee otoo homaa hin nyaatiin turtanii jirtu.<sup>34</sup> Kanaafuu akka isin nyaata nyaataaniifin ani isin kadhadha, kunis akka isin jiraataniif barbaachisa waan tuqamuu ta'eefi. Isin keessa namni tokkoyyu rifeensi mataa isaa hin tuqamuu."<sup>35</sup> Erga kana jedhee booda, biddeena fuudhee hunda isaanii fulduratti Waaqayyoo galateeffachuu cabsee (kutee) nyaachuu jalqabe.<sup>36</sup> Akasuma isaan hundu jabaachuun ofuma isaaniitiin bideena fudhatan.<sup>37</sup> Namootni doonicha irra jirruu turre.<sup>38</sup> Isaanis erga nyaatanii quufanii booda qamadii gara galaanaatti darbachuu dooniicha irra akka fe'iisi hirdhatu taasisan.<sup>39</sup> Yammuu lafti bari'uu akka gara lafaatti dhiyaatan waan hin hubannee turan, haa ta'u malee qarqarri galaanichaa cirracha ta'uu isaa yammuu argan akka doonicha gara sanatti ofuu danda'an wal mariyatan.<sup>40</sup> Kanaafuu chikaala sibiilaa hiikuun galaana keessatti gad-dhiisan, yeroodhuma sanattis wadaroo battee hiikuun sharaa isa karaa fuulduuraa qilleensatti olqabuun gara qarqara galaanaatti qajeelan.<sup>41</sup> Haa ta'u malee doonichi cirracha galaana keessatti ol tuulametti bu'uun lafatti gad-rakkate. Karaa duuba immoo bubbbeen hamaan waan rukuteef socho'uu waan hin dandeenyeef humna qilleensaatiin caccabuu jalqabe.<sup>42</sup> Loltootnis tokkolle daakanii bahuu akka hin dandeenye hidhamtoota ajjeesuuf karoorfatan.<sup>43</sup> Garuu ajajaan dhibbaa suun waan phaawuloos du'a jalaa olchuu barbaadeef akka waan karoorfatan hin goonnee dhoowwee, warrii daakuu danda'an isaan dursanii gara bishaanitti utsalanii bu'uun gara lafaatti akka bahanii ajaje.<sup>44</sup> Namootni hafan immoo kaan isaanii saanqaadhaan kaanis caccaba dooniiti rarra'ani akka bahan godhee. Haaluma kanaan hundii keenya nagaadhaan gara laffatti baanee.

## Chapter 28

<sup>1</sup>Yammuu nagaadhaan gara lafaatti baanuu, bakka lafa bishaaniin marfamee sun akka Maaltaa jedhamuu beekne. <sup>2</sup>Namootni achirra jiraataniis garaa laafummaa nama dinquun nu simachuun, sababa yeroo isaa ganna fi qorra ta'eef ibidda bobeessanii nu keessummeessan.<sup>3</sup>Haa ta'u malee Phaawuloos otoo huncuurri walitti qabee gara ibiddaatti kaa'aa jiruu buutiin tokko sababa hoo'atiin achi keessaa baatee harka isaa ciniintee itti hafte. <sup>4</sup>Namootni achi jiraatan sunis yammuu buutiin harka Phaawuloos ciniintee isa irratti rarraatee argan akkana waliin jedhan "Dhugaadhuma namni kun nama lubbuu ajjeesseedha, ammam galaan jalaa bahullee; kunoo dhugaa akka jiraatuu hin eyyamneef.<sup>5</sup>Inni garuu buutitti gara ibidaatti gad ofirraa urgufuu miidhaa tokko malee hafe. <sup>6</sup>Isaanis qaamni isaa ni dhiita'a yookin immoo battala lafa dhahee du'a jedhani eegu turan. Haa ta'u malee yeroo dheeraaf eeganii yammu akka inni homaa hin taane argan, yaada isaani jijiiruun inni Waaqa jedhan.<sup>7</sup>Naannoondhuma sana bira bulchaan biyya lafa bishaaniin marfamtee sana kan maqaan isaa Phuuphiloos jedhamuu achii lafa qaba ture. Innis gara laafummaan nu simatee guyyoota sadii waan nu barbaachisu nuu gochuun nu keessumeesse. <sup>8</sup>Abbaan Phuuphiliyoosiis dhibee nafa gubaa fi garaa kaasaadhaan qabamee cisa ture. Yammuu Phaawuloos gara isaa deemee harka isaa irra kaa'ee kadhatuuf isa fayyise. <sup>9</sup>Kanaan booda namootni lafa bishaaniin marfamtee sana irra jiraataan isaan dhukkubsatan hundis immoo dhufanii fayyan. <sup>10</sup>Namootni sunis immoo kabaja baay'ee nuu kennuun nu kabajan. Yammuu dooniin deemuuf qophoofnu, waan nu barbaachisu hunda nuuf kennan. <sup>11</sup>Nutis ji'oota sadiin booda doonii ganna sana dhaabatee lafa bishaaniin jidduu sana tureen kaanee deemuu jalqabne, doonichis kan Aleeksandariyaa ta'ee, malattoo 'waaqoota lakkuu' jedhu of gubbaa irraa qaba ture. <sup>12</sup>Erga magaalaa siiraakuus geenyee booda, guyyoota sadiif achi turre. <sup>13</sup>Achiis kaanee dooniidhaan gara gara magaalaa Reegiyyoonii geenyee. Guyyaa tokkoon boodas waan bubbien kibbaa ka'eef, guyyoota lama keessatti gara magaalaa Putiyoliitti dhufne. <sup>14</sup>Achitti obboloota tokko tokko arganne isaanis akka isaan waliin turruuf nu waan affeeraniif guyyoota torba isaan waliin turre. Nutis haaluma kanaan gara Roomeetti dhufne. <sup>15</sup>Obbolooni achi jiraatanis, yammuu waayee keenya dhagahanb, hanga bakka lafa gabaa Aphiyuusittii fi hanga Siriilaaveernas itti nu simaachuu dhufan. Phaawuloosis yammuu obbolaa arguv,Waaqayyoo galateeffate, jabeenyas ni argate. <sup>16</sup>Yammuu nuti Roomee seennu Phaawuloos ofumasaatii loltuu isaa eegaa jiruu waliin jiraachuu eeyyame. <sup>17</sup>Akkasuma gara guyyoota sadiin booda Phaawuloos namoota isaan dura bu'ota Yihuudootaa turan walitti waame. Yammuu walitti qabamanii dhufan, innis, "Yaa obboloota ani dogongora waan uummataa yookin seera abboota keenyaa faalleessu homaa hin hoijannee, haa ta'u malee, Iyyaruusaaleem keessatti harka warra Roomeetti dabarfamee kennemeera. <sup>18</sup>Isaanis erga na qoranii booda sababa du'aan na gahuu waan ana irratti hin arganeef gad na lakkisuuf feedhan. <sup>19</sup>Garuu yammuu Yihuudootni na mormanii dubbatan, ani gara Qeesaarittu ol iyyachuuf dirqamee malee saba koo himachuuf sababa qabaadheetii miti. <sup>20</sup>Kanaafuu, sababa kanaaf ammas sansalata kanaan kanin hidhameefis sababa abdii Israa'eeliif kennameefidha" isaanin jedhe.<sup>21</sup>Isaanis akkana jedhanii isaaf deebisan, "Nuti xalayaawaa'ee keetii gara Yihuudaatii nugahee, obboloota keessaas eenyumtuu dhuufu nu hin gabaafne, yookin waa'ee kee waan badaa kan hime hin jiruu. <sup>22</sup>Nut garuu waa'ee garee amantaa kanaa yaadnibkee maal akka ta'e sirraa dhagahuu barbaadne, sababnis bakka hundatti akka mormiin waan karaa dubbatamaa jiru nu birratti bekamaadha."<sup>23</sup>Isaanis guyyaa itti isa waliin walbargan erga beellamaniif booda, namootni baay'een bakka inni itti qubatetti dhufan. Innis dhimmicha isaanii ibse, waa'ee mootummaa Waaqayyooos dhugaa bahe. Innis ganama irraa kaasee hanga galagalaatti waa'ee Iyyasuus, seera Musee fi kitaaba raajota, lamaanuu keessaa ibsuufi yaalee. <sup>24</sup>Isaan keessaa muraasni isaaniiwaa'ee waanticha isa jedhame amanan, kaan hin amanne.<sup>25</sup>Isaanis yammuu waliigaltee dhaban, isaanis erga Phaawuloos jechaa tokko kana dubbatee booda dhiisanii deeman "Hafuurri Qulqulluun karaa Isaayaas isa raajichaan abboota keessanitti sirritti dubbate. <sup>26</sup>Innis "Gara uummata kanaa deemii akkana jedhi Dhagahuu ni dhageessu, garuu hin hubattan, ilaalu ni ilaaltuu, garuu hin beektan. <sup>27</sup>Sababni isaas onneen saba kanaa jabaa waan ta'eef, gurra isaaniis duudeera ijjonis dunuukfataniiru. Otoo kana ta'u baatee garuu, ijaan organii, gurra isaaniiitiinis dhagahanii, onnee (yaada) isaaniiitiin hubatani ni deebi'uuyyuu anis isaanii fayyisaayyu."<sup>28-29</sup> Kanaafuu akka fayyinni Waaqayyoo kun warroota ormaatiif ergameefi akka isaaniiis dhagahan isin akka beektan."<sup>30</sup>Phaawuloosis mana ofi isaatif kireeffate keessa waggoota lama jiraate, innis namoota isa bira dhufan hunda gamachuudhaan simata ture. <sup>31</sup>Innis gufuu tokko malee ija jabbeenyaa guutuudhaan waa'ee mootummaa Waaqayyoo lallabaa wantoota waa'e Gooftaa Iyyasuus Kiristoosis barsisaa ture

## Romans

### Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawuloos, ergamaan Yasuus Kiristoos, ergamaa wangeela Waaqayyoo ta'uuf, qophaatti addaan ba'ee waamame<sup>2</sup>Kunis isa Waaqayyo duraan dursee Kitaaba Qulqulluu keessatti karaa raajotaa waadaa galedha (abdachiisedha).<sup>3</sup>Innis waa'ee ilma isaa isa fooniin sanyii Daawwit irraa uumamee.<sup>4</sup>Akka afuura qulqullutti immoo, isa du'aa ka'e fi ilma Waaqayyoo ta'uun isaa humnaan beeksifame wa'ee gooftaa keenya, Yasuus Kiristoosi dha. <sup>5</sup>Ulfina maqaa isaatifi uummanni lafa irra jiraatu hunduu gara amantiitti, gara abboomamuttis geessuudhaaf ayyaanni ergamoota ta'u, isumaan nuuf kennameera.<sup>6</sup>Isinis warra kan Yasuus Kiristoos ta'uudhaan waamaman keessa jirtu.<sup>7</sup>Isin warra Roomaa jiraattan hunduu, warra Waaqayyo isin jaallatee fi ummata isaa qulqullu akka taatanifi isin waame hundi keessanuu, ulffinnis, nagaanis Waaqayyo, abbaa keenya, fi gooftaa keenya, Yasuus Kiristoos, irraa isiniif haa ta'u.<sup>8</sup>Duraan dursee, amantiin keessan addugnyaa lafaa guutuutti waan beeksimameef, isiniif, karaa Yasuus Kristoos, Waaqayyo koo nan galateeffadha.<sup>9</sup>Akkuma Waaqayyo na arggu, ani afuurakootiin wangeela ilma isaa keessatti yoon Waaqayyoo tajaajilu, yeroo hundumaa kadhata koo keessatti isiniin nan yaadadha.<sup>10</sup>Kadhanna koo yeroo hundaa keessatti, Waaqayyo, akka fedhii isatti, dhufee akkan isin argu akka nadandeessisuuf nan kadhadha.<sup>11</sup>Isin arguuf kanan barbaades (hawwes), akka jabeenya argattaniif kennaaffuuraa tarii yoon isiniif kenne jedheeni.<sup>12</sup>Kana jechuunis, anis amantii kootiin, isinis amantii kessaniin waliin taane amantii keenya akka cimsannu bay'isee waanan barbaadeefi.<sup>13</sup>Yaa obboloota ko, yeroo baay'ee dhufee isin arguudhaaf akeekuu koo akka beektan nan jaalladha; garuu yeroo hundumaa hamma ammaatti ittifaceera. Saba Waaqayyoo warra hin ta'in, warra bira keessatti akkuman hojjedhe, hojii ija qabu isin gidduutti hojjechuufan ture.<sup>14</sup>Ani saba hundumaafuu, warra Giriikota fi warra Giriikota hin ta'inifis, warra beektotaa fi warra wallaalotaafis kanan itti gaafatamu gatiitu ana irra jira;<sup>15</sup>Kanaafuu, ani karaa koo isin warra Roomaa jiraattaniifis Wangeela lallabuudhaaf qophaa'uu koo ibsuun barbaada.<sup>16</sup>Ani wangeelatti hin qaana'u, inni humna Waaqayyo isa warra amantii qaban hundumaa waan ta'eef; jalqaba warra Yihudootaaf, akkasumas warra Giriikotaaf.<sup>17</sup>Sababnisaas, wangeella keessatti qajeelummaan Waaqayyo amantii irra gara amantiitti akkuma ibsametti, "Namni qajeelaa ta'e amantiidhaan jiraata".<sup>18</sup>Warri hin amannee fi qajeelloo hin taane dhugaa waan ukkaamssaniif, dheekkamsi Waaqayyoo samii (waaqa) irraa itti dhufa.<sup>19</sup>Waaqayyoo warra isa beekaniif ni hubatama; sababnisaas, Waaqayyo isaanif beekumsa kenneera.<sup>20</sup>Erga biyyi lafaa uumamee jalqabee, raaqiiwan (qualities) Waaqayyoo, keessattu. humni isaa inni kan bara baraa fi waaqummaan isaa (divine nature), waan inni uume irratti ifatti mull'atee (argammee) jira. Kanaafuu, waan itti qabatan (sababbi godhatan) hin qabani.<sup>21</sup>Kunis sababni isaa, isaan waa'ee Waaqayyoo kan beekan yoo ta'ulle, akka Waaqayyootti ulfina hin laanneef; hin galateeffannes. Kana dhiisuudhaan, yaada isaanii isaa gatii hin qabne (foolish) duukaa bu'an; onneen isaanii inni hadoodes ni dukkana'ee..<sup>22</sup>Nuti beekaa dha ofiin haajedhan malee, isaan garuu wallalaa ta'ani.<sup>23</sup>Isaan ulfina Waaqayyoo isa bara baraanuu hin badne fakkeessuudhaan gara bifa namaa isaa badutti, bifa simbirrootaatti, bifa bineensota miilla afuriitti fi bifa uumamtoota warra lafa irra quqquriibanni jijiraniiru.<sup>24</sup>Kanaafis Waaqayyo kajeellaa garaa isaaniiit in xuraa'ummaatti, walii isaanii gidduutti dhagna isaanii salphisuutti dabarsee isaan kenne.<sup>25</sup>Isaan dhugaa waa'ee Waaqayyoo sobatti diddiiraniiru; Waaqayyoon isa hundumaa uume dhiisanii, uumamaaf sagadanii, hojjetaniif. Waaqayyo garuu bara baraan galateeffamaa dha! Ameen.<sup>26</sup>Sababii kanaaf Waaqayyo kajeellaa nama salphisuutti dabarsee isaan kenne; dubartoonni isaanii karaa ittiin fedha foonitiif dhiiraa wajjin wal bira ga'an isaa uumamaan kennameef dhiisanii, gara isaa uumamaan isaanii hin kennaminitti diddiiratan.<sup>27</sup>Warri dhiiraas akkasuma karaa ittiin fedha foonitiif dubartootaa wajjin wal bira ga'an, isaa uumamaan kennameef dhiisanii, kajeellaa walii isaaniiit in gubataniiru; warri dhiiraas walii isaanii gadhoomsanii, beekaa karaa irraa jal'isuu isaaniiit adaba dhagna isaanii akka ta'utti fudhataniiru.<sup>28</sup>Isaan Waaqayyoon beekuu, dubbii qajeelaatti waan hin lakkaa'iniif, Waaqayyo immoo yaada jal'aadhaa fi, waan namni hin hojjenne hojjechuutti dabarsee isaan kenne.<sup>29</sup>Isaan jal'ina, hammina, sassata, gadhummaa hundumaan guu-tamanii turan. Kanaanis guutamanii in hinaafu, in ajjeesu, nama in lolu, in gowwoomsu, warra kaanii isaa gadhee in hawwu, dhoksaa namaa in mul'isu,<sup>30</sup>in hamatu, Waaqayyoon in jibbu, humnaan nama irratti in ka'u, in afuufamu, of in jaju, hamaa lafaa fuudhanii in bixxilu, warra isaanii hin abboomaman.<sup>31</sup>Qalbii hin qaban, waan dubbatan hin eegan, jaalala of keessaa hin qaban, oo'as hin qaban.<sup>32</sup>Akka abboommii Waaqayyootti warra kan akkasii godhaniif duuni akka isaanii ta'u, in beeku. Haa ta'u iyyuu malee, ofii isaaniiit kan akkasii in godhu; kana gochuu isaanii duwwaas utuu hin ta'in, warra kana godhaniin "Ba'eessa gootan" in jedhu.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Kanaafis, ati yaa isa nama biraatti faradduu, waan itti qabattu hin qabdu! Ati inni namatti faraddu, isuma namichi sun hojjete waan hojjettuuf, firdii isatti faraddeen ofitti in faradda.<sup>2</sup>Nuyi garuu firdiin Waaqayyoo inni warra waan akkasii hojjetanitti dhufu qajeelaa akka ta'e in beekna.<sup>3</sup>Ati yaa namana! Warra waan akkasii hojjetanitti faradda, ofii keetii immoo isuma sana yommuu gootu, firdii Waaqayyoo jalaa baqattee kan baatu sitti fakkaataa?<sup>4</sup>Yookiis baay'ina gaarummaa isaa, obs isaa, siif danda'uus isaa salphaatti ilaaltaa ree? Gaarummaan Waaqayyoo gara geddaranna yaada garaatti akka si geessu hin hubattuu ree?<sup>5</sup>Mata-jabina keetii fi yaada garaa keetii geeddarachuu diduu keetiin garuu, guyyaa firdiin Waqayyoo inni qajeelaan itti mul'atuuf dheekkamsa of irratti walitti in qabda;<sup>6</sup>Waqayyo nama hundumaafuu adda addaan akkuma hojii isaatti gatii in kennaaf.<sup>7</sup>Inni warra obsaan waan gaarii hojehcaa, guddina, ulfina hin darbine, jirenya hin badness Waqayyo biraa argachuu barbaadaniif jirenya bara baraa in kennaaf.<sup>8</sup>Namoota warra ofitoo warra dhugaadhaaf abboomamuu didanii, seera Waqayyoo malee jiraachuudhaaf abbomamanitti garuu in dheekama, isaan in ifatas.<sup>9</sup>Dhiphinnii fi gidiraan lubbuu nama hamaa godhu hundumaatti in dhufa; kunis duraan dursee nama Yihudii irratti akkasumas nama Yihudii hin ta'in irratti in dhufa.<sup>10</sup>Guddinni, ulfinni, nagaanis nama waan gaarii hojjetu hundumaaf in kennama; kunis duraan dursee nama Yihudaatiif akkasumas nama Yihudii hin ta'iiniif in kennama.<sup>11</sup>Waaqayyo nama wal hin caalchisu.<sup>12</sup>Warri seera utuu hin qabaatiin yakkan hundinuu, seerichi utuu hin ilaalamin in dhumu; warri seera qabaatanii yakkan hundinuu seerichaan isaanitti in faradama.<sup>13</sup>Warri seera dhaga'aan Waaqayyo duratt qajeeltota hin ta'an, waan seerichi abboomu warri godhan garuu qajeelota in ta'u.<sup>14</sup>"Yihudoota kan hin ta'in warri seericha hin qabne, uumama isaanitiin waan seerichi isaan irraa barbaadu yeroo hojjetan, yoo seericha hin qaban ta'e iyyuu isaan ofuma isaanii keessaa seera qabu."<sup>15</sup>"Isaan, hojin seerichi abboomu garaa isaanii keessatti akka caafamee jiru in argisiisu; dhageettiin garaa isaanii akkasumas yaadni garaa garaa takka takka isaan hadheessan, takka takka immoo isaanii falman, waa'ee kanaaf dhugaa ba'uus isaanii ti."<sup>16</sup>"Akka wangeela ani barsiisutti, guyyaa Waaqayyo harka Yesus Kristosiin dhoksaan namootaa bakkee baasee faradutti, wanti kun in beekama."<sup>17</sup>"Ati garuu "Ani Yihudii dha ofin jetta, seerri anaaf jira jettee in amanatta, "Waaqayyo dhuunfaa kooti" jettee of in jajja."<sup>18</sup>"Jaalala Waaqayyoo beekta; seerichaan barsiifamtee, isa ta'uus fi isa hin taane gargar baaftee in himta."<sup>19</sup>"Jaamotaaf karaa argisiisaa, warra dukkana keessa jiraniif ibsaa akka taate of amanatta."<sup>20</sup>"Seericha keessattis beekumsaa fi dhugaa isa bifaa macaafaatti qophaa'e waan argatteef, gowwoota in gorsita, wallaalotas in barsiifta."<sup>21</sup>"Yoo akkas ta'e immoo, ati warra kan biraan kan barsiiftu, ofii kee immoo hin barsiiftuu? "Hin hatin!" jettee utuma lallabduu, ofii keetii immoo in hatta mitii?"<sup>22</sup>"Hin ejjin!" in jetta, ati immoo in ejjita mitii? Ati waaqayyolii tolfaman in ciiggaata, galma isaanii immoo in saammatta mitii?"<sup>23</sup>"Seera Waaqayyoo qabaachuu keetiin of in jajja, seericha cabsuu keetiin immoo maqaan Waaqayyoo in salphifta mitii?"<sup>24</sup>"Akkuma caafamee jiru, "Sababii keessaniif maqaan Waaqayyoo warra saba Waaqayyoo hin ta'in gidduutti in arrabsama" in jedha."<sup>25</sup>"Waan seerichi abboomu hundumaa yoo goote, dhagna-qabaan siif waa'ee in baasa; seericha irra yoo daddarbite garuu, dhagna qabachuun kee akka waan dhagna hin qabatin hafteetti in lakkaa'ama."<sup>26</sup>"Namni dhagna hin qabatin immoo waan seerichi gaafatu yoo eeg, dhagna hin qabatin hafuun isaa akka dhagna qabaatti hin lakkaa'amuufii ree?"<sup>27</sup>Egaa namni akka uumametti utuu dhagna hin qabatin hafree waan seerichi abboomu raawwatu, sitti in farada, ati seericha caafamee utuu qabduu, utuma dhagna qabattuuus seericha irra in daddarbita."<sup>28</sup>"Namni bifaa isaa bakkeetti mul'atuun Yihudii waan ta'eef, Yihudii dhugaa hin ta'u; dhagna-qabaan fooniis dhagna-qabaa dhugaa hin ta'u."<sup>29</sup>"Namni keessa namummaa isaatii isaa bakkeetti hin mul'anneen Yihudii ta'e garuu, Yihudii dhugaa dha; dhagna-qabaan yaada garaa namaas dhagna-qabaa isaa dhugaa dha; kunis hojii hafuura Waaqayyoo ti malee, hojii seericha isaa caafamee miti. Namni akkasii kun Waaqayyo biratti malee, namoota biratti hin jajamu."

## Chapter 3

<sup>1</sup>“Egaa Yihudiin faayidaa addaa maalii qaba? Akkasumas, bu'aan dhaqna-qabaa maali dha?”<sup>2</sup>“Karaa kamiinuu, bu'aa guddaa qaba. Hunda dursee, abdiin Waaqayyoo Yihudootatti kennamuu isaati.”<sup>3</sup> “Yihudoota keessaa kan hin amanne muraasni waan jiraataniif, Waaqayyo amantummaa isaanii maaliif hambisaa?”<sup>4</sup>“Kun tasuma hin ta'u. Namni inni kam iyyuu sobduu yoo ta'e illee, Waaqayyo dhugaa dha. Akkuma barreeffamee jiruttis: "Ati yoo dhugaa dubbattha ta'e,, guyyaa murtiin (firdiin) kennamus dhugaa ni argatta.”<sup>5</sup>“Garuu, yoo sobni kee dhugaa Waaqayyoo argisiise, nuti maal jechu dandeenyaa? Waaqayyo waan nutti dheekamuu barbaadef nu soba jechuu dandeenyaa? (Falmii nammaa fayyadamuu kooti.)”<sup>6</sup>“Kun tasuma hin ta'u!! Otoo akkas ta'e, Waaqayyo akkam godheetu biyya lafaatti murii kenna?”<sup>7</sup>“Garuu, sobni koo dhugaan Waaqayyoo ol-guddisee kan mul'isu yoo ta'e, maaliif anihamma ammatti iyuu akkan cubbamaa ta'eetti fudhatama?”<sup>8</sup>Isaan “Koottaa cubbuu hojjenna, akka waan gaariin nu dhufuuf” jedhu nuun jedhanii akkuma maqaa nuballeessan; namoonni muraasnus akkuma jedhaa nuun jedhan sana, maaliif hin jennu? Nu yakkuun isaanii sirriidhuma.<sup>9</sup>Maal haata'u, egaa? Nuti balleessa hin qabnu jennaa (Nuti cubbamtoota miti jennaa)? Tasuma hin jennu! Dura dabarsinee, warri Yihudootaas, warri Griiktotaas, hundumti isaanii iyyuu cubbamtoota jennee isaan himachaa waan turreerreef.<sup>10</sup>Akkas jedhamee, akkuma barreeffame: "Namni qajeelaan (qulqulluu ta'e) hin jiru, tokko illee hin jiru.”<sup>11</sup>“Namni issaafi galu tooko iyyuu hin jiru; namni Waaqayyoon barbaadus tokko illee hin jiru.”<sup>12</sup>“Hundi isaanii iyyuu, Waaqayyo irraa achi garagalaniiru; hunduu waluma faana, warra gatii hin qabne ta'aniiru; namni gaarii hojjetu hin jiru, nami tokko illee!”<sup>13</sup>“Qoonqoon isaanii, boolla awwaalchaa afaan banee jiru dha; arrabni isaanii sobduu dha; hidhii isaanii jala, summii bofaatu jira.”<sup>14</sup>“Afaan isaanii abaarsaa fi dubbii hadhaa'adhaan guutuu dha;”<sup>15</sup>“miilli isaanii dhiiga dhangalaasuutti ariifataadha,”<sup>16</sup>“karaa isaan irra darban irra diiguu fi gadadchuutu jira;”<sup>17</sup>“isaan karaa, nagaa immoo hin beekan;”<sup>18</sup>“Waaqayyoon sodaachuun yaada isaanii keessa hin jiru” jedha.”<sup>19</sup>“Ammas seerri waanuma jedhu, warra seera jala jiranitti akka dubbatu nuyi in beekna; kanas nama hundumaa afaan qabachiisuudhaaf, guutummaa biyya lafaas firdii Waaqayyoo jala galchuudhaaf in dubbata.”<sup>20</sup>“Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratt qajeelaa hin ta'u. Seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa.”<sup>21</sup>“Amma garuu karaa seerichaa utuu hin ta'in karaan namni ittiin qajeelaa ta'u Waaqayyo biraa mul'ateera; seerrii fi raajonni karaa kanaaf dhugaa ba'aniiru.”<sup>22</sup>“Namni Yesus Kristositti amanuudhaan fuula Waaqayyoo duratt qajeelaa in ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garummaan hin jiru.”<sup>23</sup>“Hundinuu yakkanii, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera.”<sup>24</sup>“Isaanumti immoo ayyaana Waaqayyoo isa karaa furii Yesus Kristos tola isaaniif kennameen, qajeelota in ta'u.”<sup>25</sup>“Inni dhiiga isaa dhangalaasee du'uudhaan warra isatti amananiif mi'a araaraa haa ta'uuf, Waaqayyo isa dhaabe. Waaqayyo ofii isaa qajeelaa akka ta'e mul'isuudhaaf kana godhe; obsa isaatiinis cubbuu namoonni kanaan dura hojjetan irra darbeeraaf.”<sup>26</sup>“Bara sanaattis Waaqayyo qajeelummaa isaa argisiisuuf inni ofii isaa qajeelaa ta'u isaa, nama Yesusitti amanus qajeelaa gochuu isaa mul'iseera.”<sup>27</sup>“Egaa, of jajuun eessa jira? Inni hafeera. Seera isa attamiitiin? Hojii keenyaanii? Karaa seera amantii malee, karaan biraat hin ta'u.”<sup>28</sup>“Egaa, namni qajeelaa kan ta'u amantiidhaani malee hojiwan seeraatiin akka hin taane ni himna.”<sup>29</sup>“Yookiin immoo, Waaqayyo, Waaqayyoo warra Yihudoota duwwaa dha? Inni warra Waaqayyoon hin amanneefis Waaqayyo mitii? Eyyee, inni warra Waaqayyoon hin amanneefisi.”<sup>30</sup>“Inni dhugumatti Waaqayyo tokkicha yoo ta'ee, isa dhaqna qabate amantidhaan, isa dhaqna hin qabanne immoo amantiidhaaf qajeelcha.”<sup>31</sup>“Egaa, amantii kanaatiin seericha gatii dhabsiisna jechaa dha? Tasuma miti! Jabeessineetu dhaabna malee.”

## Chapter 4

<sup>1</sup>Waa'ee, isa sanyii fooniin abbaa keenya ta'e, Abrahaam egaa maal argate jenna? <sup>2</sup>Abrahaam hojii gaarii (qulqulluu) kan hojeeeteeru otoo qabaatee, silaa sababa ittiin of jaju ni qabaata ture; Waaqayyo duratti garuu hin qabu. <sup>3</sup>Kitaabni Qulqulluus wa'ee isaa maal jedha? "Abrahaam Waaqayyotti amane, kunis akka qajeellummaatti (qulqullummaatti) isaaaf lakkaa'ame". <sup>4</sup>Amma, mindaan isa hojjetuuf kaffalamu, gatii argachuun isaaaf ta'utti lakkaa'ama malee, akka kennaa tolaatti hin lakkaa' amu. (Recheck)<sup>5</sup>Garuu, namni hin hojenne, garuu immoo, Waaqayyo isa qajeelaa nama godhutti kan amanu yoo ta'e, amantiin isaa qajeelummaatti lakkaa'amaaf. <sup>6</sup>Akka Daawwiit dubbatettis, namni, inni hojii malee, Waaqayyoti amanu, qajeelummaan isaan kan eebbfame dha, <sup>7</sup>Innis akkas jedha, "Warri seeraan ala ta'uun isaanii isaaniif dhiifatameef; Warri cubbuun isaanii dhoksameef eebbfamtoota dha!" <sup>8</sup>"Namichi inni Gooftichi cubbuu isaa itti hin lakkofne eebbfamaa dha! "<sup>9</sup>Egaa, ebbi kun himame warra dhaqna qabatan qofaafi immoo warra dhaqna hin qabanneefis dha? Nuti kan junnu, "Amantiin isaa Abrahaamiiif akka qajeelummaatti (qulqullummaatti) lakkaa'ameefira". <sup>10</sup>Attamitti lakkaa'ameef? Erga inni dhaqna qabatee booda moo isa dura? Booda miti; dura dha!<sup>11</sup>Abrahaam otoo dhaqna hin qabatin dura mallattoo dhaqna qabnummaa kan ta'e abdii qajeelummaa (qulqullumma) amantii isaatiin argatee. Kaayyoon kanaas, warra otoo dhaqna hin qabatin amanan hundumaaf qajeelummaan akka lakkaa'amuuf isa abbaa isaanii gochuudhaaf.. <sup>12</sup>Inni abbummaan isaa, warra dhaqna qabatanii fi qhaqna qabachuu qofaa otoo hin taane, dhaqna qabataniis, akkuma abbaa keenya Abrahaamittis otoo dhaqna hin qabatiin duras akka amananiif. <sup>13</sup>Sababni Abrahaamii fi sanyiin isaaa addunyaa biyya lafaa akka dhaalaniiif abdiin isaaniif kennname kara seeraa otoo hin taane, karaa qulqullummaa (qajeelummaa) amantii tiini. <sup>14</sup>Kunis kan ta'e, yoo dhaalumman warra seera kabajaniif kennname, 'amantiin gatii dhaba; abdiin kennames homaa hin godhu jechaa dha' waan ta'eefi. <sup>15</sup>Seerri dheekkamsa fida; bakka seerri hin jirre, garuu, seera cabsuun hin jiru. <sup>16</sup>Sababa kanaafis, abdiin sun ulfinaan dhugoomee (kabaja argatee) sanyii Abrahaamiiif, warra seeraaf bulan qofaa otoo hin taane warra amantii Abrahaam qooddataniifis, kan kennamu amantiidhaani. Inni, abbaa hunduma keenyaati; <sup>17</sup>Akkuma barreeffamee jiruttis, "Biyyoota baaye'ef Abbaa akka taatu, ani si filadheera." Abrahaamis, Waaqayyo, isa du'aatti lubbuu uumu; isa waantota hin jirres uumee jiraachisu, ta'eef amanamaa dha. <sup>18</sup>"Sanyiin kees ni baay'ata;" atis namoota biyyoota hedduuf abbaa isaanii taata jedhamee isa itti himame Abrahaam waan amaneef, waan abdii hin qabnetti abdate. <sup>19</sup>Amantii isaatti otoo hin laafin, Abrahaam qaamni isa akka dulloome (umuriin isaa wagga dhibba tokko waan ta'eef) fi gadameessi Saaraas dullumarraa kan ka'e akka da'uun hin dandeenye heduu (yaaduu) jalqabe. <sup>20</sup>Garuu sababa Waaqayyo isa abdachiseef, Abrahaam amantii isaatti hin mamne (shakkine). Kanarras darbee, amantii isaa cimsate; Waaqayyootiif galata (ulfina) kenne. <sup>21</sup>Waaqayyo waan isa abdachiise gochuu akka danda'us garaa guutuudhaan amane. <sup>22</sup>Kanaafuu, kunis "akka qajeelummaati (qulqullummaatti) isaaaf lakkaa'ame". <sup>23</sup>Jechi "Isaaf lakkaa'ame" jedhu, garuu, Abrahaam duwwaadhaaf kan barreeffame miti. <sup>24</sup>Waaqayyo, isa gooftaa keenya Iyasuus Kiristoos du'aa kaasetti warra amannuufis akka nuuf lakkaa'amu barreeffameera. <sup>25</sup>Kunis isa balleessaa keenyaaf du'aaf babarffame latamee fi isa nu qulqulleessuuf immoo du'aa kaasameefi dha.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Kanaafis, nuti amantiidhaan qajeelota erga taanee, karaa gooftaa keenya Yasuus Kristoos, Waaqayyo biratti nagaa qabna.<sup>2</sup>Karuma isaatiis nuti ulfina (ayyaana) ittiin dhaabbannu karaa amantitiin arganneerra; kabaja Waaqayyootiifis abdiidhaan guutamneerra.<sup>3</sup>Kana qofaa otoo hin ta'iin, gidiraan nutti dhufuttis ni gammanna. Gidiraan obsa akka fidu ni beekna.<sup>4</sup>Obsi qorumsa fida, qorumsa darbuun immoo abdii fida (namaa kenna).<sup>5</sup>Abdiin immoo nama hin qaanessu; sababni isaas, jaalalli Waaqayyo, karaa Afuura Qulqulluu nuuf kennameetiin, gara onnee keenya keessatti waan dhangalaasameefidha.<sup>6</sup>Yeroo nuti ammayyuu dadhabaa turree sanattis, yeroo sirrii ta'e sanatti Kiristoos warra Waaqayyotti hin amanneef jedhee du'e.<sup>7</sup>Nama gaarii ta'e tokkoof, namni du'uufii tarrii jiraachuu ni mala malee, nama qajeelaa ta'eef garuu namni isaaf jedhee du'uu fedhu waan jiru hin fakkaatu.<sup>8</sup>Waaqayyo garuu, yerootti nuti ammayyuu cubbamtoota taanee jirruutti, jaalala mataasaa unuutiif qabu du'atii Kristoosiin nuuf mirkaneesse..<sup>9</sup>Baayee'etti dabalataanis, amma dhiiga isaatiin qajeelota waan taaneef, isaatiinis dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ni baraareffamna.<sup>10</sup>Yeroo diinota walitti taanee turre sanatti illee, du'a ilma isaatiin Waaqayyotti araaramneerra, baayyee'etti dabalataanis erga araaramnee booda immoo jirenya isaatiin ni fayyina (du'a jalaa baana).<sup>11</sup>Kana qofaa otoo hin taane, karaa isa araara arganee, karaa gooftaa keenya Yasuus Kristoos, Waaqayyottis ni gammadna.<sup>12</sup>Kanaafuu egaa, cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe sana, duutis cubbuudhaan dhufe. Sababa namoonni hunduu cubbuu hojjetaniifis, duuti gara namoota hundumaatti tatamsa'e.<sup>13</sup>Erga seerichi jiraatee kaasee, cubbuun biyya lafaa irra jira ture; garuu, yeroo seerri hin turretti, cubbuun hin lakkaa'amu.<sup>14</sup>Haa ta'u malee, bara Addaam iraa jalqabee hanga bara Museetti, namoota warra akka Addaam seera cabsuudhaan cubbuu hin hojenne dabalatee, hanga fakkeenyi Addaam dhufuuf jedhu sanatti duuti tureera.(Recheck).<sup>15</sup>Kennaan Waaqayyou kun garuu, akka balleessaa (seera cabsuu) sanaa miti. Sababa balleessaa (cubbuu) nama tokkootiin, namootni hedduun akkuma du'an, sababa nama tokkootiin, innis kennaa Waaqayyoo kan ta'e, Yasuus Kiristoosiitiin, namootni hedduunn ulfina Waaqayyoo argatan!<sup>16</sup>Kennaan kuni bu'aan isaa akka cubbuun nama tokkoo suni fide miti. Cubbuun nama tokkoo, badii nama hundaa irratti akkuma fide; balleessaa namoota baay'ee booda kennaa dhufe garuu qajeelummaa fide.<sup>17</sup>Namni tokko waan balleesseef, sababa nama tokkotiifis duuti dhufe; karaa nama tokkoo, Yasuus Kristoos, immoo namootni hedduun uffinaa baay'ee fi kennaa qajeelummaa jirenya bara baraaft argatani!<sup>18</sup>Kanaafuu egaa, akkuma cubbuun nama tokkoo namoota hunduma irratti du'a fidetti, karaa hojii qajeelaa namni tokkoo hojjeteen immoo namoota hundumaaf qajeelummaa fi jirenyi argameera.<sup>19</sup>Akkuma cubbuu (balleessaa) nama tokkootiin, baay'een cubbamoota ta'anii ture sanaatti, sababa seeraaf abboomamuu nama tokkootiin immoo akkasuma baay'een qajeelota ni ta'u.<sup>20</sup>Bakka seerri jirutti garuu, cubbuun (balleessaan) ni baay'ate. Bakka cubbuun (balleessaan) baay'ateeti garuu, ulfinni Waaqayyoo caalmaatiin baay'ate.<sup>21</sup>Kunis kan ta'e, akkuma karaa du'aatiin cubbuun mo'e, karaa gooftaa keenya Yasuus Kristoos immoo qajeelummaadhaan ulfinaan jirenya bara baraa arganna.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Egaa maal jennaree? Ulfinni Waaqayyoo akka baay'atuuf cubbuu keessa jiraachuu itti fufuu qabnaa?<sup>2</sup>Kun tasuma ta'uun hin qabu! Nuti warri cubbuutiin duune, attamitti ammayyu cubbuu keessa jiraanna?<sup>3</sup>Nutii warri Yasuus Kristoos faana tokko ta'uuf cuuphamne, du'a isaa faanas tokko ta'uuf akka cuuphamne hin beektanii?<sup>4</sup>Nuti haaluma cuuphamneen, isa waliinis du'nee awwaalamne. Kunis kan ta'e, akkuma Kristoos ulfina abbaa isaatiin warra du'an keessaa kaasame, nutis gara jirenya haaraatti ni deemna.<sup>5</sup>Akkuma isaa duunee, du'aan akkuma isa faana tokko taane, du'aa ka'uudhaanis, akkuma isaa du'a kaannee isatti dabalamne.<sup>6</sup>Qaamni keenya inni cabbamaa ta'e sun akka barbadaa'uuf, namnichi inni dulloomes isa faana akka fannisame ni beekna. Kunis kan ta'e, akka nuti kana booda cubbuudhaan hin garboomneefidha.<sup>7</sup>Namichi inni du'e sun, cubbuu jalaa waan ba'eef, qajeelummaan isaa ni ibsama.<sup>8</sup>Kristoos wajjin yoo duune garuu, isa waliin taanee akka jiraannus ni amanna.<sup>9</sup>Kristoos erga du'a keessaa kaasamee booda, deebi'ee akka hin duunee fi duutis kana booda isa irratii gooftummaa akka hin qabne ni beekna.<sup>10</sup>Cubbuudhaaf jedhee, du'a al-tokkoofi isa dhuma du'e. Jirenya isaa jiraatu, garuu Waaqayyoof jiraata.<sup>11</sup>Haaluma walfakkaatuun, isin mataan keessan kan hubachuu qabdani, kan duutani cubbuudhaaf akka ta'eef, garuu immoo karaa Yasuus Kiristoos Waaqayyoofis akka jiraattani dha.<sup>12</sup>Kanaafuu, cubbuun qaama keessan isaa du'u sanaa akka hin abboomneef, fedhii qaama keessaniif hin abboomamiinaa!<sup>13</sup>Meeshaalee jallinaaf oolan akka hin taaneef, qaamota keessan cubbuuf dabarsitanii hin kenniinaa. Garuu, akkuma warra du'aa gara jirenyaatti fidamanii, isinis Waaqayyoof of kennaa; meeshaalee qajeelummaaf oolan akka ta'aniif qaamota keessanis Waaqayyoof kennaa.<sup>14</sup>Cubbuun akka isin abboomu hin eeyyamiinaa. Isin kan jirtan seera jala otoo hin taane, ulfina jala waan ta'eedhaaf.<sup>15</sup>Egaa maali? Sababa seera jala otoo hin taane, ulfina jala waan taaneef, cubbuu hojjechuu qabna jechaadhaa? Kun tasuma hin ta'u.<sup>16</sup>Akka garbootaatti dabarsitanii yoo of laattani, isa abboomamtaniif sanaaf garba akka taatan hin beektanii? Garbummaan keessan yookiin isaa gara du'aatti isin oofu cubbuudhaafi, yookiin immoo isaa gara qajeelummaatti isin geessuf buluudha.<sup>17</sup>Waaqayyoof galatni haa ga'u malee, isin garboota cubbuu taatanii yoo turtan illee, amma garuu garaa guutuudhaan barsiisa ittiin bulmaataa isinii kennameef abboomamtaniittu.<sup>18</sup>Cubbuu jalaa bilisa baasamtanii, qajeelummaaf akka bultan (abboomamtan) godhamtanii jirtu.<sup>19</sup>Foon keessan dadhabaa waan ta'eef, akka namaattin dubbadha. Akkuma qaamota dhaqna keessanii garbummaa xurii fi seeraan alummaaf, isa seeraan alummaa caalaatti fiduuuf, dabarsitanii laachuudhaan garboomsitanii ture sana, amma immoo, qulqullummaatin jiraachuudhaaf, qajeelumaaf akka abboomaman godhaa.<sup>20</sup>Yeroo garboota cubbuu turtan sana, qajeelummaa irraa bilisa turtani.<sup>21</sup>Isa amma itti qaanoftan, hojjiwan keessan yeroo sanaa irraatii egaa bu'aa maal argattani? Bu'aan isaanii du'a dha!<sup>22</sup>Amma garuu cubbuu jalaa bilisa baasamuudhaan Waaqayyoof akka abboomamtan waan godhameef, bu'aan keessan qulqullummaa dha. Bu'aan kanaas, jirenya bara baraati!.<sup>23</sup>Mindaan (Kaffaltiin) cubbuu du'a dha; kennan Waaqayyoo garuu, karaa gooftaa keenya Yasuus Kiristoos, jirenya bara bara dha.

## Chapter 7

<sup>1</sup> Yaa obbolottankoo (isin warra seera beektan ittan dubbadha), namni tokko lubbuudhaan hanga jiraatutti seerichi akka isa bulchu (abboomu) hin beektanii? <sup>2</sup> Dubartiin heerumtee jirtu tokko, hamma abbaan warraa ishee lubbuudhaan jirutti, seeraan isatti hidhamtee jirti; abbaan warraa ishee yoo du'e garuu, isheen seera gaa'elaa sana irraa bilisa ni taati. <sup>3</sup> Kanaafuu egaa, abbaan warraa ishee lubbuudhaan bakka jirutti, dhiira biraaj wajjin yoo jiraatte, sagaagaltuu (ejjituu) jedhamti. Yoo abbaan warraa ishee du'e garuu, isheen seericha irraa bilisa waan taatee jirtuuf, dhiira biraaj waliin yoo jiraatte, sagaagaltuu (ejjituu) hin jedhamtu. <sup>4</sup> Kanaafuu, yaa obbolottankoo, isinis, karaa dhaqna Kiristoos, seerichaaf duutanii jirtu. Kunis kan ta'u, Waaqayyoof bu'aa akka buusnuuf, isinis isa du'aa kaasameetti makamuu waan qabdani fidha. <sup>5</sup> Yeroo nuti fooniif jiraachaa turre sana, seerichi fedhii foonii keenyaa cubbummaaf baay'isee kakaasuudhaan, qaamotni dhaqna keenyaa firii (bu'aa) du'aa akka horan hojjechaa ture. <sup>6</sup> Amma garuu seericha jalaa baanee jirra. Isa itti of hiineef duuneerra. Kanaafuu, barreeffama (seera) isa moofaa otoo hin taane, Afuura isa haaraa keessatti tajaajilla. <sup>7</sup> Egaa maal jenna? Mataa isaatti seerichi cubbuu dha? Tasa miti! Haa ta'u malee, otoo seerri hin jiraannee ani cubbuu hin beekun ture. Seerri, "Waan namaa hin hawwiin!" otoo jedhee hin turre ta'e, hawwuun maal akka ta'e iyyuu hin beekun ture. <sup>8</sup> Cubbuun garuu abboommii seeraa sanatti fayyadamuudhaan, fedhii jiru hundaa na keessatti uume. Seerichaan ala immoo cubbuun dua'aadha. <sup>9</sup> Dur yeroo seerri hin jirre sana, ani jiraachaan ture; yeroo abboommichi dhufee ture sana garuu cubbuun deebiseetu jirenya argate.. <sup>10</sup> Ani immoo nan du'e. Abboommichi inni jirenya fiduu qabu ture, garagalee du'a natti fide. <sup>11</sup> Cubbuun abboommicha akka carraatti fayyadameetu na gane. Karuma abboommichaas na ajjeese. <sup>12</sup> Kanaafuu, seerichi mataa isaatii qulqulluu dha; abboommichis qulqulluu, qajeelaa fi gaarii dha. <sup>13</sup> Egaa waan gaarii turetu du'a natti fide jechadhaa ree? Kun tasuma miti! Cubbuun, cubbuu ta'uun isaa akka mul'atuuf, karaa isa gaarii ture sanaa du'a natti fide; karaa abboommichaas, cubbuun cubbummaa gar-malee hammaataa ta'e fide. <sup>14</sup> Seerichi afuura akka ta'e ni beekna; ani garuu nama foonii waanan ta'eef cubbuu jalatti garbummaaf gurgurame. <sup>15</sup> Waanan hojjedhu dhugaa naaf hin galu. Waanan jaaladhu, hin hojjedhu; waanan jibbu immoo, nan hojjedha. waanan jibbu hojjedha malee, waanan jaalladhu hin hojjedhu. <sup>16</sup> Waanan hin jaalanne yoon hojjedha ta'e garuu, seerichi akka gaarii ta'e seericha waliin walii galeera jechuudha. <sup>17</sup> Ammaan booda garuu, waanan hin jaalanne kanas kan hojjetu ana otoo hin taane, cubbuu isa na keessa jiru dha. <sup>18</sup> Ana keessa, keessumattuu foon keessa, waan gaarii akka hin jirre nan beeka. Waan gaarii hojjechuuf fedhiin na keessa jira; ani garuu hojjechuuf hin danda'u. <sup>19</sup> Waan gaarii isan jaalladhu hin hojjedhu; hammeenya isa hin jaalanne garuu nan hojjedha. <sup>20</sup> Waanan hin jaalanne amma yoon hojjedhu, kana booda kan hojjetu ana miti; cubbuu isa na keessa jiru dha malee. <sup>21</sup> Egaa yoo ani waan gaarii hojjechuuf barbaadu, seerichi waan hamaa natti fida. <sup>22</sup> Seera Waaqayyootti keessakootti nan gammada. <sup>23</sup> Qaama koo isa foonii adda addaa keessatti garuu seera kan biraatu natti mul'ata. Seera isa haaraa yaadni koo fudhate waliin wal-lola. Seera cubbuu isa qaamota fooni koo keessa jiruufis na garboomsa. <sup>24</sup> Ani nama rakkataa dha! Foon isa kan du'aa ta'e kana jalaa eenyutu na baraara? <sup>25</sup> Karaa gooftaa keenyaa Yasuus Kiristoos galatni Waqaqayyoof haa ta'u! Ammaan booda egaa, yaada kootiin seera Waqaqayyootiif, foon kootiin immoo seera cubbuutiif ani mataan koo nan hojjedha.

## Chapter 8

<sup>1</sup> Kanaafuu, warri Kiristoos Yasuus ta'an amma yakkamtoota miti.<sup>2</sup> Kristoos Yasuusiin jiraachuukeetiif, seerri Afuuraa seera cubbuu fi du'aa jalaa si baaseera.<sup>3</sup> Seerrii karaa foonii dadhabaa waan ta'eef hojiisaa hojjechuun hin dandeenye. Kanaafuu Waaqayyo cubbuuf jedhee ilma isaa tokkicha fakkii fooniitiin ergudhaan cubbuu balleessee.<sup>4</sup> Waaqayyo kanas kan godhe akka nuti, akka fedhii foonii otoo hin taane, akka fedhii Afuuraatti, waan seerichi nurraa barbaadu guutuufidha..<sup>5</sup> Warri akka fedhii foonii jiraatan, waa'ee foonii yaadu; warri akka fedhii Afuuraa jiraatan, garuu, waa'ee Afuuraa yaadu.<sup>6</sup> Waa'ee foonii yaaduun du'a dha; waa'ee Afuuraa yaaduun, garuu, jireenyaa fi nagaa dha.<sup>7</sup> Akka fedhii fooniitti yaaduun diinummaa Waaqayyooti; yaadni akkasii seera Waaqayyoof hin abboomamu, abboomamuus hin danda'u.<sup>8</sup> Warri fedhii fooniif jiraatan, Waaqayyoon hin gammachiisani.<sup>9</sup> Afurri Waaqayyoo yoo dhuguma isin keessa jira ta'e garuu, isin akka fedhii foonii otoo hin taane, akka fedhii Afuura jiraattu. Namni Afuura Kiristoos hin qabne kamuu garuu, kan isaa miti..<sup>10</sup> Kristoos yoo isin keessa jira ta'e, dhaqni keessan sababa cubbuutiif du'aa dha; sababa qajeelummaa keessaniif garuu, Afuuri jirenya isiniif ta'a.<sup>11</sup> Afuur Waaqayyoo inni Yasuus du'aa kaase isin keessa yoo jiraate, inni Kiristoosiin du'aa kaase, dhaqna keessan isa du'ufis Afuura isaa isin keessa jiruutiin jirenya ni kenna.<sup>12</sup> Egaa yaa obboloottankoo, idaan nurra jira! Fooniif jennee, fedhii fooniif jiraachuu hin qabnu.<sup>13</sup> Akka fedhii fooniitti jiraattu yoo ta'e, du'uu keessani; Afuuraan yoo hojiiwyan foonii qaama keessanii ajeestan garuu, ni jiraattu.<sup>14</sup> Warri Afuura Waaqayyootiin adeeman hundinuu ilmaan Waaqayyoo ti.<sup>15</sup> Afuuri isin fudhattan Afuura sodaa isaa garbummaa jalatti isin deebisu otoo hin taane, Afuura ittiin guddifamtan, isa "Yaa Abbaa keenyaa" jennee Waaqayyotti iyyannudha!<sup>16</sup> Afuuri mataan isaa afuura keenya waliin ta'uudhaan, nuti ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya dhugaa ni ba'a.<sup>17</sup> Nuti ijoollee isaa erga taanee, dhaaltota isas ni taana, dhaaltota Waaqayyoo. Dhugumatti, yoo Kiristoos faana dhiphannee (rakkanee) immoo, isa faana waan ulfina argannuuf, isa wajjiiniis qixxaannee dhaaltota ni taana.<sup>18</sup> Dhiphinni keenya ammaa (hardhaa), ulfina isa nuuf dhufuuf jedhu waliin yoon madaalee ilaalu, walittuu kan hin dhufne akka ta'ettin lakka'a.<sup>19</sup> Uumamni hunduu mul'achuu (mul'ina) ijoollee Waaqayyoo hawwiin eeggachaa jiru.<sup>20</sup> Uumamni gatii hin qabu; kunis kan ta'e isatiin otoo hin taane, isuma issa uumetu akkas isa godhe; haa ta'u malee garuu, akkas ta'uun isaa abdii qaba.<sup>21</sup> Kunis kan ta'e, akka uumamni mataan isaa garbummaa badii jalaa ba'uufi, gara bilisummaa ijoollee Waaqayyoo warra ulfina qabaniitti dhufaniifidha.<sup>22</sup> Hanga ammaattis uummanni hunduu walfaana ta'ee akka aaduu fi akka ciniinsifatu ni beekna.<sup>23</sup> Isa qofaa miti; nuti warri Afuura dura dabarsinee argannee mataan keenyi iyyuu fayyina qaama keenyaa kan ta'e guddisanna Waaqayyoo hawiidhaan eegaa waan jirruuf, keessa keenyatti ni aadna.<sup>24</sup> Nuti abdiidhaan fayyinerra; abdiin inni amma argaa jirru garuu abdii miti. Isa argummaa, eenyutu abdataa?<sup>25</sup> Yoo isaa ijaan hin argine abdanne garuu, obsaan ni eegganna.<sup>26</sup> Haaluma walfakkaatuun, Afurris dadhabbi keenyatti ni nu gargaara. Akkam jennee akkatti kadhannu nuti hin beeknu; Afurri mataa isatiin garuu haala ibsamuu hin danda'amneen aaduudhaan nuuf in kadhata.<sup>27</sup> Waaqayyo inni waan yaada garaa namaa keessa jiru argu, yaada Afuuraas sababa beekuuf, Afurri akka fedhii Waaqayyotti warra isaaq qulqullaa'aniif ni kadhata.<sup>28</sup> Waaqayyoon warra jaallatan fi warra kaayyoo isatiif waamamanif waan gaarii akka isaanif hojjetu ni beekna.<sup>29</sup> Ilmi isaa obbolottan hedduu keessaa hangafa akka ta'us, warri inni durumaan dursee beeku ture immoo bifaan akka ilma isaa fakkaatanis murteesseera.<sup>30</sup> Warra duruma dabarsee murteesee, isaaniniis ni waame. Warra waame immoo qajeelota isaan godhe. Warra qajeelota godhe immoo ulfina isaa kenne.<sup>31</sup> Waa'ee waantota kanaa kanaafuu maal jenna? Waaqayyo yoo nu faana ta'e, eenyutu nu dura dhaabbata?<sup>32</sup> Waaqayyo inni ilma isaa otoo hin mararsiifatin hunduma keenyaaf jedhee dabarsee kennee, attamitti waan hunda ilma isaa wajjin tolaan nuuf hin kennuu?<sup>33</sup> Warra Waaqayyo filate, eenyutu yakka (himata)? Abbaan firdii (murtii) Waaqayyo dha!<sup>34</sup> Eenyudha inni yakkoo (himatu)? Kan du'e Kiristoos Yasuusidha. Kana irra darbees, kan du'aa kaasammee karaa harka mirgaa Waaqayyotti argamee Waaqayyoon nuuf kadhatus, Yasuusidha.<sup>35</sup> Jaalala Kiristoss irraa gargar kan nu baasu eenyu? Gidiraa moo muddama, moo ari'atamu (cunqurfamuu), moo beela, moo qulla ta'u, moo balaa, moo haaduu (saanjaa) dha?<sup>36</sup> Akkuma barreeffamee jirutti: "Siif jedhameetu, guyyaa guutuu ajeefamna nu keessa in ajeefamu, akka hoolotaatti lakkaa'amne gorraafamna."<sup>37</sup> Hunduma kana keessaa darbuudhaan garuu, karaa isa nu jaallatee isa mo'een ni caalla..<sup>38</sup> Duutis, jireenyis, ergamtooni waaqa irraas, mootummoonnis, waantoonni jiranis, waantoonni dhufanis, humnoonnis,<sup>39</sup> Ol dheerumsis, gadi fageenyis, waantoonni uumamani jiran kan biraas, jaalala Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenyaa Kiristoos Yasuus nuuf dhufe irraa gargar nubaasuu akka hin dandeenye amaneera.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Ani maqaa Kiristoosiin dhugaan dubbadha; hin sobu. Yaada garaakoo Afuurri Qulqulluu naaf ba'a. <sup>2</sup>Gaddi cimaafi madaan (dhukubni) hin fayyine lapheekoo (garaakoo) keessa jira.<sup>3</sup> Obboloottan koo warra fooniin fira koo ta'an sanaaf jedhee ani mataan koo otoo abaaramee Kiristoos irraa addaan ba'ee hawwii koo ture. <sup>4</sup>Isaan Israa'elota; isaan ilmummaa, ulfina isaa, waadaa kakuu, kennaa seerichaa, sir a hojji mana sagadaa, fi abdii Waaqayyoo qabu.<sup>5</sup>Kiristoos, inni hundaaf Gooftaa ta'e, akka fooniitti kan dhufe qomoo Abbootii isaanii irraati. Galatni bara baraa isaaf haata'u! Ameen.<sup>6</sup> Kuni garuu, sagaleen Waaqayyoo hin kufe jechuu miti; sanyii Israa'el kan ta'e hunduu dhugumatti Israa'el miti,<sup>7</sup>Sanyii Abrahaam kan ta'anis hundumtuu dhugumatti ijoollee Abrahaam miti. Garuu, "sanyii Yisihaq jedhamee waamantu".<sup>8</sup> Kana jechuunis, ijoolleen foonii, ijoollee Waaqayyoo miti. Ijoolleen Waaqayyo abdachise garuu, akka sanyii isaatti fudhatamu.<sup>9</sup>"Yeroo kana nan dhufa; Saaraanis ilma argatti". Kunis sagalee abdiiti.<sup>10</sup>Kana qofaa otoo hin taane, Ribqaanis, abbootan keenya keessaa tokko kan ta'e Yisihaq iraa ni ulfoonfe,<sup>11</sup>Ijoolleen sun otoo hin dhalatin dura, isaan keessas tokko illee gaarii yookiin hamaa otoo hin hojjetiin, kaayyoon (akeekkiin) Waaqayyoo akkuma filannoo isaatti akka ta'uuf,<sup>12</sup>akka hojiwwan namaa otoo hin taane, akka waamicha Waaqayyootti sababa ta'uuf, "Inni hangafni isa quxisuudhaaf ni ergama" jedhameetu isheetti himamee.<sup>13</sup>Akkuma, "Yaaqoobin nan jaalladhe; Eessaawuu dhaan garuu nan jibbe", jedhamee barreeffamee turetti.<sup>14</sup> Egaa maal jenna? Waaqayyo balleessaadhaa (nama walcaalsisaa)? Tasuma miti. <sup>15</sup>Waaqayyoo, "Naman araara godhuuifif araaran godha; naman garaa laafuuf, garaan laafa," jedheetu Muuseetti hime.<sup>16</sup>Kanaafis egaa, araarri kan argamu Waaqayyo irraati malee, waan namni jaalateef yookiin immoo waan namni fingeef miti.<sup>17</sup> Akka Kitaabni Qulqulluu jedhuttis, "Maqaan koo biyya lafaa hundumaa irratti akka himamu waanan barbaadeef, siitiin humna koo argisiisuuf jedheen ol si kaase" jechuudhaan Waaqayyo Fara'onitti hime.<sup>18</sup>Kanaafuu egaa, Waaqayyo nama barbaadeef araara ni godha, nama barbaadeen immoo danqamaa ni godha.<sup>19</sup>Egaa, "Waaqayyo maaliif balleessaa nama irratti barbaada? Eenyutis fedhii isaa mormee beeka?" jettanii na gaafattu.<sup>20</sup> Haata'u malee garuu, ati yaa namanaa! Ati eenu taateetu dha kan Waaqayyotti deebistu? Waanti harka namaatiin hojjetame tokko isa isa hojjeteetiin, "Maaliif akkasitti na hojjette?" jedhee ni gaafataa?<sup>21</sup>Akkumas, namni suphee dha'u tokko, dhoqeedhumta tokko irraa yoo barbaade meesha faayidaan isaa waan kabaja qabuuf oolu, yoo barbaade immoo, meeshaa isa faayidaan isaa ulfina hin qabneef oolu hojjechuuf mirga hin qabuu?<sup>22</sup> Waaqayyo, inni dheekkamsa isaa argisiisuufi humna isaas beeksisu barbaade, warra akka qodaa dheekkamsaa ta'anii badiif qophaa'anii jiran kanaaf yoo obsa baay'eedhaan danda'eera ta'e maal ta'a?<sup>23</sup>Ulfinni isaa hangam akka ga'u argisiisuudhaaf jedhee, warra akka qodaa araaraa ta'aniif durumaan dursee ulfinaaf qopheesse irratti akkasuma yoo godhee ture maal ta'a?<sup>24</sup>Warra Yihudoota keessaa qofaa otoo hin taane, unu warra kaan (hin amanne) keessaa warra waameefis akkasuma yoo godhee ture maal ta'a?<sup>25</sup> Akkuma Hose'ii keessatti inni dubbatuttis, "Warra saba koo hin turre, saba koo jedheen waama; ishee hin jaalatamne turteetiin, jaalatamtuu koo jedheen waama.<sup>26</sup>Bakka 'isin saba koo miti'jedhamee ture sanattis, 'ilmaan Waaqayyoo isa jiraataa' jedhamanii ni waamamu'.<sup>27</sup> Waa'ee Israa'elii, "Baay'inni ilmaan Israa'el akka cirracha galaana keessaa baay'ee yoo ture illee, isaan keessaa kan hafu muraasa dha;,<sup>28</sup>Gooftichi isa jedhe hunduma otoo hin turiin biyya lafaa irratti ni raawwata", jedheetu Isaayyas iyya.<sup>29</sup>Akkuma Isaayaas duraan dursee dubbateenis, "Gooftaan inni jiraachisaan otoo ijoollee nuuf hin hambisne ta'ee, nuti akka Sodoom taanee, Gomoraas fakkannee hafna turre".<sup>30</sup> Egaa maal jenna? Warri Waaqayyoon hin amanne, warri qajeelummaa hordofaa hin ture, qajeelummaa amantii isaaniitiin, qajeelummaa argataniiru.<sup>31</sup>Israa'el, warri seera qajeelummaa hordofaa turan garuu, seera sana bira hin geenyee.<sup>32</sup> Maaliif hin geenyee? Sababni isaas, isaan amantiidhaan hordofuu dhisaniif waan hojidhaan itti adeemanii fidha. Isaan dhagaa gufachiisu sana irratti gufatani.<sup>33</sup>"Hubadhaa, dhagaa nama gufachiisuufi kattaa nama kuffisu (nama dura dhaabbatu) Tsiyon keessa nan kaa'a. Inni isatti amanu immoo hin qaana'u" jedhamee akkuma barreefametti.

## Chapter 10

<sup>1</sup> Yaa obbolootaa! Hawwiin garaa koo keessaas, Waaqayyootiinis kanan kadhadhus fayyina isaaniiti. <sup>2</sup>Isaan beekumsaaf otoo hin taane, Waaqayyoof akka hinaafan dhugaan isaaniif nan ba'a. <sup>3</sup>Qajeelummaa isa Waaqayyo biraan dhufu baruu dadhabanii, qajeelummaa mataa isaanii uummachuu waan barbaadaniif, isaan qajeelummaa Waaqayyoof hin bulle (ajajamne).

<sup>4</sup> Kiristoos nama amanu kamiifuu seericha qajeelummaa ni dhugoomsa (guuta). <sup>5</sup>Waa'ee qajeelummaa isa karaa seerichaa dhufuu, Muuseen akka barreesetti: "Namtichi inni waantota kana godhu (hojjetu), isaaniin ni jiraata". <sup>6</sup> Qajeelummaan amantiidhaan dhufu garuu akkas jedha: "Garaakeetti 'Eenyutu gara waqaatti ol ba'a' hin jedhiin. (Kana jechuun, Kiristoosiin gadi buusuudha)," "Eenyutu boolla bu'as' hin jedhiin." (Kana jechuun, Kiristoosiin du'aa kaasuudha.) <sup>8</sup>Garuu immoo maal jedha? "Dubbichi sitti dhi'oo jira: afaan kee fi, garaa kee keessa". Innis dubbii amantii isa nuti lallabnuu dha. <sup>9</sup>Afaan keetiin, Yasuus gooftaa akka ta'e yoo dubbattee dhugaa baate, garaa keetiin immoo, Waaqayyo du'aa akka isa kaase yoo amante, fayyina ni argatta. <sup>10</sup>Inni garaa isaatti amanee qajeelaa ni ta'a; inni afaan isaatiin dubbatee ibse ni fayya. <sup>11</sup>Kitaabni Qulqulluu, "Kan isatti amanu eenyumtuu hin qaana'u" jedha. <sup>12</sup>Yihudaa fi Giriik gidduu garaa garummaan hin jiru; Gooftaa isuma tokkotu gooftaa hundumaati; warra isa waammatan hundumaafis ni qaqaba. . <sup>13</sup>Kan maqaa Gooftaa waammatu eenyumtuu ni fayya. <sup>14</sup>Egaa, isatti warri hin amanne, attamitti isa waammatu? Isa dhaggeeffatanii hin beekneenis attamitti itti amanu? Lallabaa malees, attamitti dhaga'u? <sup>15</sup>"Warri oduu gammachuu fidanii dhufan attam milkii qabeessota dha!" jedhamee akkuma barreeffamee jirutti, egaa yoo ergaman malee, isaan attamitti lallabu danda'u? <sup>16</sup>Hundumti isaanii garuu oduu gammachuu kanaaf hin abboomamne. Isaayaas, "Gooftaa, isa nuti dubbanne eenyutu amane?" jedha. <sup>17</sup>Kanaafuu, amantiin kan dhufu dhaga'uutiini; kan dhaga'amu immoo sagalee Kiristoosi. <sup>18</sup>Ani garuu kanan jedhu: "Isaan hin dhageenye ture?" Eeyyee, mamii tokko malee dhagahanii jiru. "Sagaleen isaanii lafa hundumaatti ga'eera; Waan isaan dubbatanis lafa namni jiraatu hundumaa ga'eera". <sup>19</sup>Dabalataanis, "Warri Israa'el hin beekan turee?" Duraan dursee, "Warra saba koo ta'uu didan nan inaaffachisa; Saba koo ta'uu keessan yoo wallaaltanis, aariidhaan akka jeeqamtan isin godha", gaabbitaniis saba wallalaatti akka isin aartan nan godha" jechuun Muuseen dubbateera. <sup>20</sup>Itti aansuudhaanis, "Warra ana hin barbaadnee tureef, ani argameera; Warra ana hin gaafanne tureefis, ani mul'adheera", jechuudhaan Isaayaas jala muree dubbateera. <sup>21</sup>Warra Israa'eliitiin garuu kana jedha: "Warra hin abboomamneefi warra morman irratti guyyaa guutuu harka koo irrattan dirirsa".

## Chapter 11

<sup>1</sup> Egaa ani kanan jedhu, Waaqayyo saba isaa gadi gateeraa? Kun tasuma miti. Aniyyuu nama Israa'elidha, sanyii Abrahaam fi gosa Beniyaaminidha.<sup>2</sup>Waaqayyo saba isaa warra durumaan dursee beeku ture gadi hin gatne. Kitaabni Qulqulluu waa'ee Eeliyas kan barreeffamee keessatti, akka inni Waaqayyo duratti Israa'eliitiin yakke (himate) hin beektanii?<sup>3</sup>"Yaa Goftaa, isaan raajota kee ajjeesaniiru; iddoowan aarsaa kee itti laatamus caccabsaniiru; kan hafe ana qofaadha; anaatiiniis ajjeesuu barbaadu".<sup>4</sup> Deebi'iin Waaqayyo isaaaf kenne garuu maal jedha? "Ani Ba'aaliif kan hin jilbeenffanne namoota kuma toorba ofii kootiif hambifadheera". .<sup>5</sup>Yeroo ammaa kanas ulfina isaatiif kan filataman hambaaleen ni jiru.<sup>6</sup> Yoo ulfinaan filataman immoo, hojiidhaan miti jechuudha. Otoo kana hin taanee, ulfinni, ulfina ta'uun isaa ni hafa.<sup>7</sup>Egaa kuni maali dha? Warri Israa'el isa barbaadaa turan hin arganne; warri filataman garuu argatanii jiru; warri hafan immoo ni hadoochifamani.<sup>8</sup>Akkuma barreeffamee jiruttis, "Waaqayyo afuura isa nama hadoodchu waan isaanitti kennef, hanga guyyaa har'aattis iiji isaanii hin argani, gurri isaaniis hin dhaga'u".<sup>9</sup> Akkasumas, Daawitis, "Maaddiin isaanii bakka kiyyoo ittiin qabaman haata'u; Bakka isaan gufachiisu fi bakka itti adabaman haata'u".<sup>10</sup>Akka iiji isaanii hin argineef, isaanitti haa dukkanaa'u; Dugdi isaaniis bara baraaf haagguguufu" jedha.<sup>11</sup> Egaa ani kanan jedhu "Kan isaan gufatan, akka kufaniifidha?" Kun tasuma miti. Warri hin amanne balleessaan isaaniitti aaranii, fayyina isaaniif akka isaan kakaasuufidha.<sup>12</sup>Amma egaa, balleessaan isaanii biyya lafaatiif yoo badhaadhina fida ta'e, akkasumas mo'amuun isaanii warra hin amanneef yoo badhaadhina argachiisa ta'e, guutummaan isaanii immoo hammam caalaatti badhaadhina fidee dhufa laata?<sup>13</sup> Amma isin warra Waaqayyotti hin amannettin dubbadha; warra Waaqayyotti hin amanneef ergamaa hangan ta'ee jirutti, ergaa koo kanatti nan boona (gammada).<sup>14</sup>Tarii warra foon koo ta'an keessatti inaaffii nan uuma. Tarii immoo muraasa isaaniis ni fayyifna.<sup>15</sup> Gadi gatamuun isaanii, biyya lafaaf araara buusa yoo ta'e, fudhatamuun isaanii immoo maal fida, warra du'aniif jirenya fida malee.<sup>16</sup>Midhaan dura facaasame qulqulluu yoo ta'e, bukoon isaaq qulqulluu dha. Hiddi isaa qulqulluu yoo ta'e, dameewwan isaaq qulqulluu dha.<sup>17</sup> Garuu dameewwan muraasni cabanii kufaniiru yoo ta'e, ati immoo, damee ejersaa taatee isaan gidduutti biqiltee jiraachuukeetiin, soora hiddi muka ejersaa sun qabu yoo hirteefiitta ta'e, dameewwan caban sana irratti of hin tuuliin.<sup>18</sup>Of tuulta yoo ta'e garuu, kan si utubee jiru hidda sana dha malee, ati hiddicha utubtee hin jirtu.<sup>19</sup> Boodas, "Dameewwan cabanii kan kufanii, akkan ani isaan faana guddadhu (jiraadhu) fidha" ni jetta ta'a.<sup>20</sup>Kuni dhugaa dhuma. Amanuu dhabuu issaanii iraa kan ka'e, cabanii kufaniiru. Ati garuu amantii kee irraa kan ka'een, cimaa taatee dhaabbathee jirta. Kanaafuu, sodaadu malee, of tuuluu hin yaadiin.<sup>21</sup>Waaqayyo dameewwan umamaaf garaa laafee hin turre yoo ta'e, siifis garaa hin laafu.<sup>22</sup> Egaa garaa laafina Waaqayyoo fi hammeenyaa isaa ilaali (hubadhu). Yihudoota warra kufan irratti ni hammaate; gaarummaa isaa yoo itti fufte garuu gaarummaan Waaqayyo siif dhufa. Yoo ta'uun baate immoo, atis irraa citta.<sup>23</sup> Isaan warri Waaqayyotti hin ammanne iyuuu, yoo amanuu dhabuu issaanii itti fufuu dhiisani, issaanis ni fayyu (fayyina keessa dhaabbatu). Waaqayyo deebisee isaan fayyisu ni danda'a.<sup>24</sup>Ati inni muka ejersaa isa uumamaa (dhugaa) kan ta'e irraa foxxoqtee turte, muka ejersaa isa gaariitti hirkachuudhaan deebistee yoo latteetta (biqilteetta) ta'e, karaa biraatiin immoo, hammam caalaatti dameewwan ejersaa warri dhugumatti uumamaan itti dhalatan sun muka issaaniitti hirkatanii deeb'i'anii latu (biqilu)?<sup>25</sup> Yaa Obbolottan koo, beekaa waan taatan akka isinitti hin fakkaanneef, iccitii kana akka beektan nan barbaada. Hanga warri Waaqayyotti hin amanne hunduu garana dhufanitti, hadoodummaan gar-tokkoo Israa'el irratti dhufeera.<sup>26</sup> Kana irraa ka'ees, 'Israa'elooni hunduu ni fayyu' akka jedhamee katabameenis: "Tsiyoon keessa, inni fayyisu ni dhufa; Innis amantii-dhabummaa sanyii Yaaqoob keessa ni balleessa (baasa);<sup>27</sup>Yeroon cubbuu issaanii isaa irraa fuudhus, Isaan waliin waadaa (kakuu) galuu kooti."<sup>28</sup> Sababa keessan irraa kan ka'e, isaan diinota wangeelaati. Sababa filannoo abbootaa issaanii irraatii kan ka'een garuu, Waaqayyo biratti jaalatamtoota dha.<sup>29</sup>Kennaan Waaqayyoo fi waamichi isaa hin geeddaramu.<sup>30</sup> Akkuma isin kanaan dura Waaqayyoof abboomamuu didanii ture sanatti, amma immoo warri Yihudootaa abboomamuu waan didaniif, isin araara Waaqayyoo argattaniittu.<sup>31</sup>Haaluma walfakkaatuun, amma immoo Yihudooni kun araara isa isin argattan sana issaanis argachuudhaaf jecha abboomamuu didanii jiru.<sup>32</sup>Waaqayyos hundumaaf araara kennuuf jedhee, hundumaa issaanii akka abboomamuu didan isaan godhe.<sup>33</sup> Raajii dha! Ogummaa fi beekumsi Waaqayyoo hammam gadi fagaata! Murtileen isaa hammam kan namni yaaduu oli dha! Daandiin issas hammam kan namni barbaadee hin arganne dha!<sup>34</sup>"Yaada Goftaa eenyu beeka? Yookiin immoo, gorsaa isaa kan ta'ee ture eenyu?"<sup>35</sup> Yookiis, Waaqayyo liqii deebisuu akka qabuuf, Dura dabarsee waan tokkollee kan issaaf kennee ture eenyu?"<sup>36</sup>Waanti hunduu Isa bira, Isaatiin fi Isaatiif haata'u! Ulfinni bara baraan Isaaf haata'u! Ameen!

## Chapter 12

<sup>1</sup> Kanaafuu, yaa obbolottan koo, araara Waaqayyootiif jedhaatii, qaama (dhaqna) keessan Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta'utti qulqulluu gochuudhaan aarsaa jiraatu gootanii akka Isaaf dhiheesitan nan isin kadhadha. Tajaajilli keessan inni sirriin kana dha.<sup>2</sup> Jirenya biyya lafaa kana fakkaachuu dhisaatii, yaada mataa keessanii haaromsaatii of-jijiiraa. Kana gochuudhaanis, isa kamtu fedhii (jaalala) Waaqayyootiif gaarii, fudhatamaa fi sirrii ta'e ilaaltanii murteeffattu.<sup>3</sup> Ayyaana anaaf kennameetiin, tokko tokkoo keessanitti kanan hima: Waa'ee ofii keessanii, isa ta'uu qabdaniil olitti hin yaadiinaa; akkas irra garuu, akka amantii keessaniitti, Waaqayyo tokko tokkoo keessaniif akka lakkaa'ee isinii kennetti madaalliidhaan yaadaa.<sup>4</sup> Nuti dhaqna keenya tokko keessatti qaama baay'ee qabna, hojiin isaanii garuu tokko miti.<sup>5</sup> Haaluma walfakkaatuun, nutis baay'ee taanee jirruus, Kiristoosiin dhaqna tokko dha; nutis qaamota dhaqna walii ti.<sup>6</sup> Akkuma ayyaana nuutiif kennameetti, kennaa adda addaa qabna; kennaan isa tokkoo raajii himuu dha yoo ta'e, hammuma amantii isaatti haa dubbatu.<sup>7</sup> Kennaan isa tokkoo tajaajiluu dha yoo ta'e, haa tajaajilu. Inni tokko immoo kennaa barsiisummaa qaba yoo ta'e, haa barsiisu.<sup>8</sup> Kennaan isaa tokkoo gorsuu dha yoo ta:e, haa gorsu. Kennaan isaa tokkoo laachuu dha yoo ta:e, arjjummaa dhaan haa kennu. Kennaan isaa tokkoo hoogganuu dha yoo ta:e, dhimmee haa hoogganu. Kennaan isaa tokkoo dhiifama gochuu dha yoo ta:e, gammachuudhaan dhiifama haa godhu.<sup>9</sup> Jaalalli keessan, ofittummaa malee haa ta'u. Waan yaraa jibbaa; isa gaarii ta'e qaba dhaa.<sup>10</sup> Jaalala obbolottanii ilaachisee, lapheerra wal jaalladhaa. Kabaja (Ulfina) ilaachisee, wal kabajaa (ulfina waliif kennaa).<sup>11</sup> Dhimma baasuu ilaachisee, otoo hin mamiin hojjedhaa. Afuura ilaachisee, hawwiidhaan eegadhaa. Goofticha ilaachisee, Isa tajaajilaa.<sup>12</sup> Abdii qabdanitti gammadaa; rakkina obsaa; Kadhnnaa keessaniin cimaa.<sup>13</sup> Rakkina qulqulloota Waaqayyoo qoodadhaa. Keessummoota akka gaariitti simadhaa.<sup>14</sup> Warra isin yakkan eebbisaa; eebbisaa malee hin abaarinnaa.<sup>15</sup> Warra gammadan wajjin gammadaa; warra boo'an wajjinis boo'aa.<sup>16</sup> Walii keessaniif yaada tokko ta'e qabaadhaa; ol of qabuu hin yaadinaa; kabajaan simadhaa malee, warra gajjallaa keessaniitti (isiniin gadi jiranitti) hin kooriinnaa. Gamnummaa yaadota keessan keessaa baasaa.<sup>17</sup> Nama hamaa isin irratti hojjete irratti deebiftanii hamaa irratti hin hojjetinaa. Nama hunduma fuulduratti, waan gaarii ta'e godhaa (hojjedhaa).<sup>18</sup> Karaa keessaniin hanga isiniif danda'meetti, nama hundumaa wajjin nageenyaan jiraadhaa.<sup>19</sup> Yaa firoota koo! Waaqayyotti dhiisaa malee, ofii keessaniin gumaa hin baafatiinnaa. Akka barreeffamee jiruttis, Gooftaan akkas jedhee dubbata: "Gumaa baasun kan kooti; ani hojii (liqii) isaaf nan deebisa".<sup>20</sup> Garuu, "Diinni kee yoo beela'e nyaachisi; yoo dheebotes obaasi! Kana gochuu keetiinis akka inni hojii isaatti gaabbee aariidhaan boba'u ni goota" jedhees Gooftaan ni dubbata.<sup>21</sup> Hamaaf hin mo'amiinaa; gaariidhaan isa hamaa mo'aa malee.

## Chapter 13

<sup>1</sup> Namni lubbuun jiru eenyumtuu, isa bulchaa ta'eef haabulu (haa abboomamu); Waaqayyo biraan yoo dhufe malee, bulchaa (abbaa taa'itaa) ta'uun hin danda'amu. Warra aangoo qabatanii jiranis kan filate (muude) Waaqayyo dha. <sup>2</sup>Kanaafuu, namni inni abbaa taa'itaaf abboomamuu didee mormu, ajaja (sirna) Waaqayyoos ni morma; warri morman kunis, firdii (murtii) of irratti fudhatu. <sup>3</sup> Bulchitoonni sodaan kan ta'ani warra hojji gadhee hoijjetanitti dha malee warra hojji gaarii hoijjetanitti miti. Ati abbaa aangoo akka hin sodaanne ni barbaaddaa? Waan gaarii hojjedhu; galatas ni argatta. <sup>4</sup>Inni waan gaariif ergamaa Waaqayyooti. Billaa qabatee kan jiru sababa tokko malee waan hin taaneef, ati waan hamaa hoijetta yoo ta'e garuu, isa sodaadhu. Inni, nama isa hamaa hoijjetu irratti, gumaa aarii Isaa kan baasuu, ergammaa Waaqayyooti. <sup>5</sup>Kanaafuu, sababa Waaqayyo sitti aaruuf duwwaa jettee otoo hin ta'iin, sababa yaada sammuu mataakeefis bitamuu (abboomamuu) qabda. <sup>6</sup> Gibiras kan kaffaltu, sababa kanaafi. Kanas, warri abbaa aangoo, ergamtoonni Waaqayyoo, kutannoo itti fufina qabuun ni raawwatu. <sup>7</sup>Hundumaafuu, tokko tokkoo isaaniif waan argachuu malan kaffali: isa gibirri isaaf ta'uu maluuf, gibira; isa qaraxni isaaf ta'uu maluuf, qaraxa; isa sodaatamuun isaaf ta'uu maluuf, sodaatamuun; isa ulfinni isaaf ta'uu maluuf, ulfina kenni. <sup>8</sup> Wal jaallachu irraa kan hafe, eenyuttuu gatii hin ta'iinaa. Namni inni ollaa isaa jaallatu, waan seerichaan isa irraa eegamu gutee jira. <sup>9</sup>Abboommiiwan, "Hin sagaagaliin, hin ajjeesiin, hin hatiin, waan namaan hin hawwiin" jedhanii fi warri kaanis hundumtuu, "Akkuma of jaalattutti, ollaa kees jaalladhu." isa jedhuun walitti qabameera. <sup>10</sup>Namni nama jaalatu, waan ollaa isaa miidhu hin hoijetu. Kanaafuu, jaalalli xumura seerichaati. <sup>11</sup> Sababuma kanaafis, saatii kun yeroo ati hirriba kee irraa dammaquu qabdu ta'uusaa ni beekta. Yeroo itti dura amanne caalaa, guyyaan fayyinnaa amma nutti dhi'aatee jira. <sup>12</sup>Halkanichi darbeera; guyyichis dhi'aateera. Kanaafuu, kotta hojjiwwan dukkana keessa gadi haa gannu; gaachana ifatti ittiin baanu immoo haa hidhannu. <sup>13</sup> Dhuganii machaa'u, halaalummaa, sagaagalummaa, nama loluu dhisuudhaan, kootta jirenya keenyaa akka adeemsa ifa guyyaaf ta'utti sirreessinee haa deemnu. <sup>14</sup>Akka isin fedhii fooniif hin bulleef immoo, Gooftaa Yasuus Kiristoosiin uffadhaa.

## Chapter 14

<sup>1</sup> Nama amantiidhaan dadhabaa ta'e, yaada isaa irraatti murtii kennuu dhiisaatii, ofitti qabaa.<sup>2</sup> Namni amantii qabu tokko waan kamyuu ni nyaata; inni dadhabaa ta'e immoo fuduraa (ashaakiltii) qofaa nyaata.<sup>3</sup> Namni inni waan hunduma nyaatu (sooratu), isa nyaata waan hunduma hin nyaanne sana hin tuffatiin (ceepha'in); inni nyaata waan hunduma hin nyaannes, isa waan hunduma nyaatu sana hin madaaliin. Waaqayyo isas ofitti qabeera.<sup>4</sup> Hojjetaa nama biraan kan ta'ettiin kan madaaltu, ati eenu taateetu dha? Inni kan dhaabatus yookiin immoo kan kufus, gooftaa isaa fulduratti dha. Gooftaan keenya waan isa dhaabeef, inni garuu ni dhaabbata.<sup>5</sup> Namni inni tokko guyyaa tokko guyyoota warra kaan irra caalchifata. Namni inni biraam immoo guyyooni hundumtu wal qixxeedha jedhee murteessee jira. Kana ilaalchisee, tokko tokkoon namsaa, akka yaada mataa isaatti haa murteessu.<sup>6</sup> Namni guyyaa kabaju, Gooftaaf jedheetu kabaja; inni nyaatus, Waaqayyoon waan galateeffatuuf, Gooftaaf jedheetu nyaata. Inni hin nyaannes, Gooftaaf jedheetu nyaata lagate; Waaqayyootiiniis ni galateeffata.<sup>7</sup> Unu keessa tokko iyyuu akeeka ofii isaatiif hin jiraatu; unu keessaas tokko iyyuu akeeka ofii isaatiif hin du'u.<sup>8</sup> Yoo jiraannu, akeeka Gooftaatiin jiraanna, yoo duunus, akeeka Gooftaatiin duuna. Kana booda, jiraannus yookiinis duunus, nuti kan Gooftaa ti.<sup>9</sup> Kiristoos kan du'es, du'aa ka'ees kan jiraate, warra du'anii fi warra jiraatan lameeniifuu Gooftaa akka ta'uufidha.<sup>10</sup> Garuu, ati maaliif obboleessa keetti faradda? Akkasumas, atis maaliif obboleessa keetiin tuffatta? Hundumti keenyu barcuma firdii Waaqayyo fuulduratti ni dhiyaanna..<sup>11</sup> Akka katabameenis, "Ani nan jira" jedha Gooftaan, "Jilbi hundumtu anaaf ni jilbeefata, arrabni hundis Waaqayyoof dhugaa ni ba'a."<sup>12</sup> Kana irraa kan ka'eenis, tokko tokkoon keenya, waan hojenne ilaalchisnee Waaqayyoof debi'ii ni kennina.<sup>13</sup> Kanaafuu, kana booda walitti faraduu dhiisnee, akkas gochuuf haa murteessinu: eenyumti iyyuu waan nama gufachiisu yookiin immoo kiyyoo nama qabu obboleessa isaa dura kaa'uu haa dhiisu.<sup>14</sup> Akka Gooftaa Yasuusitti, ofii isaatii xuraa'aa kan ta'e homtuu akka hin jirre bareera; amaneeras. Waanti kamyuu xuraa'aa akka ta'etti nama ilaaluf (yaaduf), isa qophaaf xuraa'aa ta'a.<sup>15</sup> Sababa nyaataaf (midhaaniif) jettee, obboleessa kee yoo miite, ati jaalala faana deemaa hin jirtu. Nama Kiristoos du'eefii sana, nyaata kee faana hin balleessiin.<sup>16</sup> Kanaafuu, wanta gaarii dha jettee fudhate, hammeenyummaa isaa hin dubbatii.<sup>17</sup> Mootummaan Waaqayyo waa'ee nyaachaa fi dhugaatii otoo hin taane, waa'ee qajeelummaa, nageenyaa fi gammachuu Afuura Qulquulluu ti.<sup>18</sup> Namni inni akka kanatti Kiristoosiin tajaajilu, Waaqayyo biratti fudhatamaa dha; namoota durattis dhageetti qaba.<sup>19</sup> Kanaafis egaa, waantota nageenyaaaf ta'aniifi waantota walitti nu utuban duukaa haa buunu.<sup>20</sup> Nyaachaaf jettee hojii Waaqayyo hin balleessiin. Waantotni hundumtu qulquulluu dha; waanta nama gufachiisu kam iyyuu nama nyaatuuf garuu gadhee dha.<sup>21</sup> Egaa, foon nyaachuus yoo ta'e, waynii dhuguus yoo ta'e, yookiin immoo, waanta obboleessa kee gufachiisu kam iyyuu gochuuh dhiisuun gaarii dha.<sup>22</sup> Amantii kee ofii kee fi Waaqayyo gidduutti qabaadhu. Namni waanta itti amanee hojjetetti deebisee of hin yakkine, eebbfamaa dha.<sup>23</sup> Namni shakkaa nyaatu, amantiidhaan waan hin nyaanneef, cubbamaa dha. Waanti amantiidhaan hin taanes, hundumtu cubbuu dha.

## Chapter 15

<sup>1</sup> Nuti warri amma jabaa (cimaa) taane, dadhabbi warra laافتاتا baachuun nutti jira; ofitti gammaduus (boonuu) hin qabnu. <sup>2</sup>Tokko tokkoon keenya waan gaarii ol isa utubu hojennee ollaa keenya haa gammachiisnu.

<sup>3</sup> Kiristoos iyyuu of gammachisee hin turre. Bakka kanaas garuu, akkuma barreeffamee turetti, "Arrabsoon warra si arrabsan sana ana irra bu'e" jedhe. <sup>4</sup> Ammaan dura waanti barreeffamee ture kam iyyuu kan barreeffame, akka nuti barumsa obsaa fi jajjabina keessaa arganee abdii akka horruufidha. <sup>5</sup> Amma immoo, Waaqayyo inni abbaa obsaa fi jajjabinaa ta'e, akkuma Kiristoos Yasuuusitti, kan ittiin walii galtan yaada tokko ta'e isinii haa kennu. <sup>6</sup> Kanas kan godhu, yaada tokko qabaattanii, afaan tokkootiinis Waaqayyoon, abbaa Gooftaa keenya Yasuuus Kiristoos, akka galateeffattaniif haa ta'u. <sup>7</sup>Kanaafuu, Waaqayyoon galateeffachuudhaaf, akkuma Kiristoos isiniin ofitti isin qabee turetti, isinis ofitti wal qabaa. <sup>8</sup> Kiristoos, dhugaa Waaqayyooy argisiisuudhaaf jedhee, abdii isa Waaqayyo abbootaaaf kennee tures mirkaneessuudhaaf jedhee, hojii dhaqna qabaaf kan ergame. akka ta'e isinittan hima. <sup>9</sup>Warri Waaqayyoon hin amannes, araara isaatiif Waaqayyoon akka galateeffataniif dha. Akkuma barreeffamee jiruttis, "Egaa, ani saba warra Waaqayyoon hin amane ta'an gidduutti sin galateeffadha, Maqaa kees galataan nan faarfadha" jedha. <sup>10</sup> Deebisees akkas jedha: "Isin, warri Waaqayyoon hin amanne, saba isaa wajjin gammadaa." <sup>11</sup>Ammas deebisee, "Isin, warri Waaqayyoon hin amanne hundumti keessanuu, Gooftaa galateeffadhaa; Sabni hundumtuus isa haa galateeffatanii." <sup>12</sup> Isaayaasis deebisee, "Hiddi Iseyi ni dhufa; innis warra Waaqayyoon hin amane bulchuudhaaf ni ka'a. Warri Waaqayyoon hin amannes abdii horu" jedheetu dubbata. <sup>13</sup> Humna Afuura Qulqullutiin abdiidhaan akka guutamtaniif, abbaan abdii, Waaqayyo inni itti amantani, gammachuu fi nagaa hundumaatiin isin haa guutu. <sup>14</sup>Yaa obboloottan koo, ani ofinkoos isinis gaarummaa guutuu fi beekumsaan akka guutamtan hubadheera. Wal barsiisuu akka dandeessanis hubadheera. <sup>15</sup> Garuu, sababa ayyaanna Waaqayyo biraan añaaf kennameef jedheetan, waa'ee waantota tokko tokkoo deebisee isin yaadachiisuuudhaaf jedheen itti dabaleen iftoominaan isiniif barreessaan jira. <sup>16</sup>Kunis, ani, ergamaa Kiristoos Yasuuus ta'ee, gara warra Waaqayyoon hin amanneetti kanan ergame, akkan luba ta'ee wangeela Waaqayyo barsiisuuuf ayyaana naaf kenname dha. Ayyaana kanaanis, warri Waaqayyoon hin amanne aarsaan isaanii Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta'uuf Afuura Qulqullutiin nan isaan qulqulleessa. <sup>17</sup> Ani, karaa Kiristoos Yasuuus, hojiin Waaqayyoof hojjedhe kanaan egaa boonuudhaaf sababan qaba. <sup>18</sup>Warra Waaqayyoon hin amanne abboomuudhaaf jedhee waan Kiristoos karaa koo hojjetu qofaa malee, ani waan biraan tokko iyyuu hin dubbashu. Isaan kunis, dubbi fi hojii kootiin raawwatu; <sup>19</sup>Humna mallattootaa fi raaifiwanii, akkasumas, humna Afuura Waaqayyoootiin nan raawwdha. Yerusaalemii jalqabee naanna'eetan hamma Iliirkumiitti wangeela Kiristoos guutummaatti lallabeera. <sup>20</sup> Akka kanaattis, kaayyoon koo wangeela Kiristoos lallabuu dha. Garuu immoo, iddo namni biraan dura dabarsee hojjete turetti hojii namaan irratti dabalee hojjechuu waanan hin barbaadneefis jedheetan, bakka maqaan Kiristoos hin dhagahamnetti qofaan lallabe.. <sup>21</sup>Kunis kan ta'e, akkuma barreeffamee turettidha: "Isaan warri waa'een isaa takkaa iyyuu itti hin himamne, ni argu; isaan warri waa'een isaa takkaa iyyuu hin dhageeny, ni hubatu." <sup>22</sup> Akkan isin bira hin dhufne yeroo hedduu kan ami dhoowwamee tures kanumaafidha ture. <sup>23</sup>Dhufee isin arguudhaaf waggaa baay'ee hawwaa turullee, ammaan booda garuu, naannoowwan kanaa bakka na hafe hin qabu. <sup>24</sup> Yeroon ani gara Ispeen dhaquudhaaf achiin darbu isin argee, takkas isin wajjin eergan gammadee booda, karaa koo irra akka na buuftan nan abbadha. <sup>25</sup> Amma garuu, saba Waaqayyoof qulqullaan tajaajiluuf, gara Yerusaalemin deemuu kooti. <sup>26</sup> Warri Maqedooniyaa fi warri Akaayiyaa, hiyyeessota Yerusaalem keessa warra Waaqayyoof qulqullaan gidduutti argamaniif, gargaarsa gochuuf jalataniiru.. <sup>27</sup>Isaan, warri Waaqayyoon hin amanne kun, jaalala isaaniitiin kana godhan; karaa tokko immoo kun waanuma gochuun isaan irra jiru dha. Erga warri Yihudoottaa eebba Afuuraa isa Waaqayyo irraa argatan warra Waaqayyoon hin amanne wajjin hirmaatanii, warri Waaqayyoon hin amannes waan jireeny fooniitiif argataniin warra Yihudoottaa gargaaruun isaan irra jira. <sup>28</sup> Kanaafuu, ani hojii kana raawwadhee, waanti isaaniif walitti qabames fudhachuu isaanii ergan mirkaneeffadhee booda, karaa keessan dhufeen isin dubbisee gara Ispeen adeema. <sup>29</sup>Yeroon dhufus, akkan eebba Kiristoos guutee isiniif fidee dhufu anuu beeka. <sup>30</sup> Yaa obboloottan koo, Gooftaa keenya Yasuuus Kiristoosii fi jaalala Afuura Qulqullutiin, akka isin ana faana taatanii Waaqayyoon naaf kadhattani nan isin gaafadha. <sup>31</sup>Yihuda keessatti midhaa warra hin abboomamnee jalaa akka na baasuu fi warri Waaqayyoof qulqullaan tajaajila ani Yerusaalemitti kenu gammachuudhaan akka fudhataniif naa kadhadhaa. <sup>32</sup>Ani immoo, jaalala Waaqayyo yoo ta'e gammachuudhaan isin bira akkan dhufee, isinii wajjin wal argee yaadni koos boqotu naa kadhadhaa. <sup>33</sup> Waaqayyo inni abbaa nageenyaas hunduma keessan faana haa ta'u. Ameen!

## Chapter 16

<sup>1</sup> Obboleettii keenya, Feebeen, ishee waldaa kristiyaanaa Sencheriyaa keessa jirutti tajaajiltuu taatee hojettu, adaraan isiniti kennadha. <sup>2</sup> Isheen kan Gooftaa waan taateef simannaa warra Waaqayyoof qulqullaa'aniif ta'uun maluun ishee simadhaa. Isheen, anas dabalatee, namoota baay'ee gargaaraa waan turteef, waanta ishee barbaachisu hundumaatiin ishee gargaaraa.<sup>3</sup> Hojii Kiristoos Yasuusitti warra hidhata koo ta'an, Phirisqilaa fi Aqiilaadhaaf nagaa koo anaaf dhiyeessaa.<sup>4</sup> Isaan lubbuu koo baraaruuf jedhanii, lubbuu isaanii dabarsanii warra kennani dha. Nan isaan galateeffadha; ana duwwaa otoo hin taane, waldoonni kristiyaanaa saba warra Waaqayyoon hin amanne hundumtuu isaan galateeffatu.<sup>5</sup> Waldicha isa mana isaanii keessatti argamuttis nagaa koo anaaf himaa. Michuu koo, Ephanexos, isa biyya Asiyaatii hunda dura Kiristoosiin fudhateefis, nagaa koo anaaf dhiyeessaa.<sup>6</sup> Maariyaam, ishee isiniif dadhabde hojjechaa turteefis, nagaa koo anaaf dhiyeessaa.<sup>7</sup> Andronikosii fi Yuniyaas, warra firootakoo ta'anii fi warra anaa wajjin hidhamanii turaniifis, nagaa koo itti naa himaa. Isaan regatta beekamoo fi warra ana duras Kiristoosiin amanedha. <sup>8</sup> Amphiliyaaxos, isa Gooftaatiin michuu koo ta'ettis, nagaa koo naaf himaa.<sup>9</sup> Urbaanos isa hojii Kristositti hidhata keenya ta'ee fi michuu koo Isxaakistis nagaa koo naaf himaa.<sup>10</sup> Apheles, isa kan Kiristoos ta'uun isaa qoramee irra ga'ameef, nagaa koo naaf himaa. Namoota maatii Arisxobulos keessaa dhufaniifis nagaa koo naaf dhiyeessaa.<sup>11</sup> Fira koo, Herodiyoon, nagaa naaf gaafadhaa. Maatii Naarkisus keessaa, warra Gooftaa fudhataniifis nagaa koo naaf dhiyeessaa.<sup>12</sup> Warra hojii Gooftaaf dadhaban, Tiriifeenaa fi Tiriifosaa dhaaf nagaa koo itti naaf himaa. Hojii Gooftaaf baayyiftee kan dadhabde, Pharsiis, ishee jaallatamuu, sanaatiifis nagaa koo itti naaf himaa.<sup>13</sup> Rufuus, isa Gooftaatiin filatamuun isaa beekame, akkasumas haadha isaa, ishee anaafis haadha taateef, nagaa koo naaf dhiyeessaa.<sup>14</sup> Asinkriixes, Filegoon fi Hermees, Phaaxrobaas, Hermaas fi obboleolota isaan bira jiraniifis nagaa koo naaf himaa.<sup>15</sup> Filologas fi Yuuliyya,, Nereeuus fi obboleettii isaa, Olimphaasi fi warra qulqulloota Waaqayyoo isaan bira jiran hundumaattis nagaa koo naaf dhiyeessaa.<sup>16</sup> Qulqullummaatiin wal dhungadhaatii nagaa wal gaafadhaa. Waldoonni Kiristoos hundumtuu nagaa isaanii isiniif erganii jiru.<sup>17</sup> Yaa obbolottan koo, faallaa barumsa argattanii ta'uudhaan warra yaada namootaa gargar baasuu fi, yaada nama gufachiisu qaban irraa akka of eeggattan isinan gorsa. Isaan irraas fagaadhaa.<sup>18</sup> Waanta akkasii warri hojjetan kuni, garaa isaaniitiif malee, Gooftaa keenya Kiristoosiif hin hojjetani. Dubbii afaan isaanii bareechataniitu, warra garraamii ittiin gowwoomsu.<sup>19</sup> Wangeelaaf abboomamuun keessan fakkeenyummaan isaa hunduma bira ni qaqaba (ga'a). Kanaafis, anis waa'ee keessaniif nan gammada. Garuu, waanta gaariif ogummaa (beekumsa), waanta hamaa immoo garraamummaa akka qabaattan nan barbaada.<sup>20</sup> Waaqayyo inni abbaa nageenyaa immoo as dhiyootti Seexana miilla keessan jalatti ni caccabsa. Ayyaanni Gooftaa keenya Yasuus isin faana haa ta'u.<sup>21</sup> Michuu koo Ximootiyoos fi firronni koo Luusiyos, Yaason fi Sosipater nagaa isiniif dhaamu.<sup>22</sup> Ani, Xerxiwoos, inni ergaa kana katabe, maqaa Gooftaatiin nagaa isin gaafadha.<sup>23</sup> Gaayuus, inni anaa fi namoota waldaa kiristaanaa hunduma mana isaatti simatee nu keessummeesse, nagaa isiniif erga. Erasxes, inni horii mandarichaa baatu, fi obboleessi keenya Ku'axes, nagaa isiniitti ergu..<sup>24</sup> Ayyaanni Gooftaa keenya Yasuus Kiristoos hunduma keessan faana haa ta'u. Ameen!<sup>25</sup> Akka ani wangeela kootiin waa'ee Yasuus Kiristoos lallabameetiin Isa isin jabeessu, akka mul'achiisuu Isaa isa bara hedduudhaaf iccitii ta'ee dhoksaatti tureetti,<sup>26</sup> Amma garuu, akka Waaqayyo inni bara baraan jiraatu ajajetti, inni dhoksaa ture ifatti ba'eera; abboomummaa amantii fiduufis, karaa raajotaattiin barreefamees saba biyya lafaa hunduma biratti beekameera.<sup>27</sup> Karaa Yasuus Kiristoos, ulfinni bara baraa, beekaa tokkicha isa ta'e Waaqayyoof haa ta'u! Ameen!

## 1 Corinthians

## Chapter 1

<sup>1</sup> Phaawuloos, fedha Waaqayyootiin ergamaa akka ta'uuf Kiristoos Yesuusiin kan waamamee fi Sostenees obboleessa keenya,<sup>2</sup> waldaa Kiristiyaanaa ishee Qorontoos keessa jirtuuf, warra Kiristoos Yesuusitti qulqulloota taataniif saba qullaao'oo akka taataniif kan waamamtan, warra maqaa Gooftaa keenya Yasuus Kiristoos, isa kan keenya fi kan isaanii ta'e, waammatan hundaa wajjinis tokko kan taatan.<sup>3</sup> Waaqayyo Abbaa bira fi Gooftaa Yesuus Kiristoos bira ayyaannii fi nagaan isiniif haa ta'u.<sup>4</sup> Ani yeroo mara waa'ee keessaniif Waaqayyoo kootiif galatan dhi'heessa, waa'ee ayyaana Waaqayyo isa Yesuus Kiristoos isiniif kenneetiif.<sup>5</sup> Inni waan maraan iyyuu badhaadhota isin godheera, haasa hundumaatiif fi beekumsaan,<sup>6</sup> akkuma dhuga-ba'umsi Kiristoos isin gidduutti

dhugaa ta'ee argametti.<sup>7</sup> Kanaafuu isin mul'achuu Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos eeggachaa yeroo jirtan kanatti kennaa hafuuraa tokko irraa iyuuu isinitti hin hir'atu.<sup>8</sup> Inni hanga dhumaatti isin jabeessa, guyyaa Gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoositti mudaa malee taatanii akka isin argamtaniif.<sup>9</sup> Waaqayyo amanamaa dha, inni Ilmaa isaa, Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos waliin tokkummaatti isin waame.<sup>10</sup> Ani amma karaa maqaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin isinan jajjabeessa, obboloota ko, hundumti keessan akka waliif galtaniif, gargar ba'uun tokko illee akka isin gidduutti hin argamneef. Akka isin yaada tokkoo fi kaayyoo tokkoon wal qabattan isinan jajjabeessa.<sup>11</sup> Waa'ee kessan wanti natti himame waan jiruuf, obboloota ko, saboota Kiilo'eetiin akka isin gidduu namoonni adda ba'an akka jiran.<sup>12</sup> Kana jechuun koo: Tokkoon tokkoon keessanakkana jettu, "Ani Phaawuloos waliinan jira," yookaan "Ani Apholoos waliinan jira," yookaan "Ani Keefaa waliinan jira," yookaan "Ani Kiristoos waliinan jira."<sup>13</sup> Kiristoos qoqqoodameera moo? Phaawuloos immoo isiniif fannifameeraa? Isin maqaa Phaawulosiin cuuphamtaniittuu?<sup>14</sup> Ani Kirispaasii fi Gaayos malee tokkoo keessan illee waanan hin cuuphiniif Waaqayyoon nan galateeffadha.<sup>15</sup> Enyuun keessan illee maqaa kootiin cuuphameera akka hin jenneef isa kanaafi.<sup>16</sup> (Ani maatii Isxifaanosis cuupheera. Sanaan alatti, nama biraa tokko illee cuuphuu koo ani hin beeku.)<sup>17</sup> Sababiin isaa Kiristoos akkan cuupuuf otuu hin ta'in akkan wangeela lallabuuf ana erge—aangoon fannoona Kiristoos akka gatii malee hin taanefis, haasaa ogummaatiin miti.<sup>18</sup> Sababiin isaa fannoona Kiristoos warreen badiisa irra jiraniif gowwummaa dha. Warreen fayyan gidduutti garuu, inni humna Waaqayyo ti.<sup>19</sup> Akkana jedhamee barreeffamee waan jiruuf, "Ani ogummaa warra ogeessotaan dhabamsiisa. Hubanna warra beektotaas of irraa nan fageessa."<sup>20</sup> Namichi inni ogeessi eessa jira? Namichi inni beekaan eessa jira? Namichi inni falmaan beekamaan biyya lafaa kanaa eessa jira? Waaqayyo ogummaa biyya lafaa kanaa wallalumatti hin jijiirree?<sup>21</sup> Biyyi lafaa kun ogummaa isatiin Waaqayyoon waan hin bekiniif, Waaqayyo warra karaa gowwummaa lallabaatiin warra amanan fayyisuu isatti gammadeera.<sup>22</sup> Warri Yihuudotaa mallattoo ajaa'ibsiisaa wari Giriikotaa immoo ogummaa barbaaduutii.<sup>23</sup> Nuyi garuu Kiristoos isa fannifame sana lallabna, inni immoo warra Yihuudotaa if gufuudhaa fi warra Ormootaaf immoo gowwummaa dha.<sup>24</sup> Warra Waaqayyo isaan waameef garuu, Yihuudotas ta'an Giriikota, nuyi Kiristoosiin aangoo fi ogummaa Waaqayyo inni ta'uun isaa lallabna.<sup>25</sup> Gowwummaan Waaqayyo ogummaa namootaa irra ni caalaatii, dadhabinni Waaqayyoos jabina namoota irra ni caala.<sup>26</sup> Gara waamicha keessanii ilaala, obboloota ko. Akka fooniitti hedduun keessan ogeessota miti. Hedduun keessan aango-qabeeyyiis miti. Hedduun keessan dhaloota warra ol aanoo irraa miti.<sup>27</sup> Waaqayyo garuu warra ogeessota salphisuudhaaf jedhee wanseen gowwummaa filate. Waaqayyo wantoota jajjaboo salphisuudhaaf jecha wantoota dadhaboo filate. Waaqayyo wantoota dadhaboo biyya lafaa kanaa fo'achuudhaan wantoota jajjaboo salphise.<sup>28</sup> Waaqayyo wantoota gadi aanoo fi tuffatamaa biyya lafaa kana irraa filate. Inni sirumaa iyyuu wantoota akka gatii hin qabnetti ilaalamen filate, wantoota gati-qabeeyyi gara waan hin jirreetti deebisuudhaaf jedhee.<sup>29</sup> Kan inni kana godhes foon-qabeessi kam iyyuu fuula isaa duratti of-tuuluudhaaf sababa akka hin qabaanneefi.<sup>30</sup> Sababa Waan Waaqayyo godheetiif, isin amma Kiristoos Yesuusiti jirtu, inni immoo nuyiif ogummaa Waaqayyo nuuf ta'eera. Inni qajeelummaa, qulqullinaa fi fayyina keenya nuuf ta'eera.<sup>31</sup> Haaluma kanaan, akkuma barreeffamee jiru, "Namni of tuulu yoo jiraate, Gooftaadhaan of haa tuulu."

## Chapter 2

<sup>1</sup> Obboloota ko, yommuun gara keessan dhufetti ani waa'ee Waaqayyootiif dhugaawan dhokatanii turan isinitti labsuudhaaf dubbii bareedaa yookan ogummaatiin hin turre F <sup>2</sup>Yommuun isin gidduu turetti Kiristoosiin isa fannifamemalee waan kan biraan beekuudhaaf waan biraan beekuudhaaf akkan hin barbaanne murteeffadheen tureetii. <sup>3</sup>Akkasumas ani kanan isin giddu ture dadhabina, sodaadhaa fi ollannaadhaan ture. <sup>4</sup> Kanaafuu ergaan kootii fi labsiin koo jechoota nama hawwatan kan ogummaatiin hin turre, garuu agarsiisa hunba Hafuuraatiin malee, <sup>5</sup>kunis kan ta'e akka amantiin keessan ogummaa namotaa irratti otuu hin ta'in, humna Waaqayyoo irratti hundaa'uuf ture. <sup>6</sup>Amma nuyi warra bilchaatan gidduutti ogummaadhaan ni dubbanna, garuu ogummaa biyya lafaa kanaan, yookaan geggeessitoota bara kanaa, warreen darbuuf jirantiin miti. <sup>7</sup>Ijaan kanaa, nuyi ogummaa Waaqayyoo, ogummaa dhugaa isa dhokataadhaan Waaqayyo baroota dura ulfina keenyaaf dursee qopheesee ni dubbanna. <sup>8</sup>Geggeessitoota bara kanaa keessaa kan isa kana hubate hin jiru, utuu isa hubatanii jiraatanii, isaan Goofticha ulfinaa sana hin fannisan turan. <sup>9</sup>Garuu akkuma barreeffame, "Iji isa kana dhaga'ee fi gurri isa kana dhaga'e hin jiru, Yaadni garaa nama kamiis isa Waaqayyo warreen isa jaallataniif qopheesee ture kana hin shallagne, "—<sup>10</sup>Wanneen kana Waaqayyo karaa Hafuura isaatii nutti mul'iseetii. Hafuurichi waan hundumaa bakkeetti ni baasaatii, wanneen Waaqayyo warreen gadi fagoo jiran iyyuu. F <sup>11</sup>Sababiin isaa hafuuricha namicha keessa jiru sana malee yaada nama keessa jiru eenyutu beeka? Haaluma wal fakkaatuunis, Hafuuricha Waaqayyoo malee wanneen Waaqayyoo warreen gadi fagoo sana kan beeku tokko illee hin hin jiru. <sup>12</sup>Nuyi garuu hafuura biyya lafaa kanaa hin fudhanne, garuu wanneen Waaqayyo tola nuuf kennaman akka beeknuuf, Hafuura isa Waaqayyo biraa ta'e fudhanne malee. <sup>13</sup>Nuyi waa'ee wanneen kanneenii jechoota ogummaa namaa irraa baranneen hin dubbannu, garuu Hafuurichatu dhimmoota Hafuuraan namoota Hafuuraatiif ibsa. <sup>14</sup>Namni nama hafuuraa hin taane wanneen kannneen kan Hafuura Waaqayyoo ta'an fudhachuu hin danda'au, isaan isaaf gowwummaadhaatii. Isaan kunneen kan hubataman hafuuraan waan ta'eef, inni isaan hubachuu hin danda'u. <sup>15</sup>Namni hafuurichaan ta'e wanneen hundumaa ni madaala, garuu inni namoota warra kaaniin hin madaalamu. <sup>16</sup>"Sababni isaa yaada Waaqayyoo eenyutu beeka, kan isa abboomuu danda'us eenyu?"

## Chapter 3

<sup>1</sup> Egaa, yaa obboloota ko, ani akka namoota hafuuraatti isinitti dubbachuu hin dandeenye, garuu ijaa kanaa akkuma namoota foonii, akka namoota Kiristoositti daa'ima ta'aniittan isinitti dubbadha. <sup>2</sup> Isin nyaata jabaataa nyaachuudhaaf qophaa'oo waan hin turreef, ani aannanan isin soore, isin amma iyyuu nyaata jabaatadhaaf qophaa'oo miti. <sup>3</sup> Isin amma iyyuu akka fooniitti jirtuutii. Isin keessa namoonni warri hinaafanii fi warri sassatan waan jiraniif, isin amma iyyuu ulaagaa biyya lafaatiin jirataa jirtu mitii? <sup>4</sup> Sababii inni tokko akkas jedhuuf, "Ani Paawuloos duukaan jira," inni kaan immoo, "Ani Apholoos duukaan jira," isin namootuma qofaa mitiiree?

<sup>5</sup> Apholoos eenyu inni ree? Phaawulosis eenyu? Isaan akkuma hojji Gooftaan tokkoo tokkoo isaaniitiif kenneetti, hojjetoota isin karaa isaaniitiin amantanii dha. <sup>6</sup> Ani nan dhaabe, Apholoos immoo bishaan obaase, Waaqayyo garuu guddina ni kenne. <sup>7</sup> Kanaafuu egaa, inni dhaabes ta'e inni bishaan obaase homaa iyyuu miti, garuu kan guddina kennu Waaqayyoo dha. <sup>8</sup> Amma inni dhaabus ta'e inni bishaan obaasu isaan tokkuma, tokkoon tokkoon isaanii akkuma dadhabbii isaaniitti mindaa isaanii ni argatu. <sup>9</sup> Nuyi warra waliin Waaqayyoof hojjennuudhaatii. Isinis bakka dhaabaa Waaqayyoo ti, gamoo Waaqayyoo ti. <sup>10</sup> Akkuma ayyaana Waaqayyoo isa anaaf kennameetti, ani akka ijaartuu ogeessa ta'eetti bu'uura nan kaa'e, inni kaan immoo isa irratti ni ijaare. Garuu namni kam iyyuu akkaataa ittiin ijaaru irratti of-eeggachuu isa barbaachisa. <sup>11</sup> Bu'uura isa takkaa kaa'ame sana, innis Yesuus Kiristoosii dha, malee eenyu illee bu'uura kan biraa kaa'uu hin danda'u. <sup>12</sup> Amma egaa namni kam iyyuu bu'uura kaa'ame sana irratti namni kam iyyuu warqeendhaan, meetiidhaan, dhagaa gati-jabeessaan, mukaan, margaan yookaan cidiidhaan yoo ijaare, <sup>13</sup> hojiin isaa ni mul'ifama, guyyaan mul'isuudhaaf waan jiruuf. Inni ibidda keessaan mul'ata waan ta'eef. Ibiddi qulqullina wanneen namoonni hundinuu hojjetanii ni qora. <sup>14</sup> Hojiin nama tokkoo yoo jiraate, namichi badhaasa isaa ni argata; <sup>15</sup> garaa hojiin nama tokkoo yoo gubateef, inni kasaaraa ni argata, inni garuu ofii isaatiif ni fayya, akkuma nama ibidda keessaa ba'uu. <sup>16</sup> Isin hin beektanii ree akka mana qulqullummaa Waaqayyoo taatanii fi Hafuurri Waaqayyoo isin keessa aka jiraatu? <sup>17</sup> Namni tokko mana qulqullummaa Waaqayyoo yoo diige, Waaqayyos nama sana ni balleessa. Manni qulqullummaa Waaqayyoo qulqulluudhaatii, isinis immoo akkasuma. <sup>18</sup> Eenyu illee of hin gowwomsin. Namni kam illee bara kana keessa akka waan ogeessa ta'eetti kan of hedu isin keessa jiraate, inni akka ogeessa ta'u danda'uuf "gowwaa" haa ta'u.

<sup>19</sup> Ogummaan biyya lafaa kanaa Waaqayyo biratti gowwummadhaatii. Akkana kan jedhu barreeffameeraatii, <sup>20</sup> Egaa ammas, <sup>21</sup> sababa kanaaf, eenyu illee namootaan of hin tuulin. Wanit hundinuu kan keessani, <sup>22</sup> Phaawulosiin haa ta'u, yookaan Apholoos, yookaan Keefaa, yookaan biyya lafaa, yookaan jirenya, yookaan du'a, yookaan wanneen amma jiran, yookaan wanneen dhufuuf jiran. Wanneen hundumtuu kan keessan, <sup>23</sup> isinis immoo kan Kiristoosi, Kiristoos immoo kan Waaqayyoo ti. "Inni warra ogeessota ogummaa isaaniitiin isaan qabata." "Gooftichi yaadni warra ogeessota gowwummaa akka ta'e ni beeka."

## Chapter 4

<sup>1</sup>Nuyi namni hundumtuu akkanatti nu ilaalu qaba, akka hojjetoota Kiristoosittii fi akka wara dhugaa Waaqayyoo isa dhokataadhaaf soortota ta'aniitti. <sup>2</sup>Amma egaa soortota irraa kan barbaadamu amanamoota ta'uunisaanii ti. <sup>3</sup>Anaaf yoo ta'e garuu, isiniin yookaan dhaddachaa ilmaan namaa isa kamiin iyyuu madaalamun waan baay'ee xiqqoo dha. Ani iyyuu ofii kootiif of hin madaaluutii. <sup>4</sup>Waa'ee himannaa ana irratti dhi'aatu isa kami iyyuu ani hubannaa hin qabu, sun garuu qulqulluu ana hin godhu. Anaan kan ana madaaluu Goofticha. <sup>5</sup>Kanaafuu yeroo malee waa'ee waan tokkoo iyyuu madaalli hin labsinaa, otuu Gooftaan hin dhufin. Inni wanneen dhokatoo dukkana keessa jiran gara ifaatti ni baasa, kaayyoowwan yaada garaas ni mul'isa. Yommus tokkoon tokkoon namaa galata Waaqayyo biraa ni fudhata. <sup>6</sup> Amma, obboloota ko, ani ulaagaalee kanneen ofii kootii fi Apholoos irratti kanan hojii irra oolche isiniif jedheeni, akka isin hiika jecha kanaa nu irraa barattaniif, <sup>7</sup>Eenyutu garaa garummaa isiniif warreen kaan gidduu jiru arguu danda'a? Kan isin hin fudhatinis maaltu jira? Fudhattaniittu erga ta'ee immoo, maaliif akka homaa iyyuu hin fudhatiniitti of tuultu ree? <sup>8</sup>Wanneen barbaaduu dandeesan hundumaa dursitanii qabaattaniittu! Duraan dursitanii dureeyyii taataniittu! Mo'uu eegaltaniittu—kunis nu irraa tasa adda! Dhugumaan, ani akka isin mootan nan hawwan ture, nuyis isin waliin mo'uu akka dandeenyuuf. <sup>9</sup>Sababiin isaa akkan yaadutti Waaqayyo nuun ergamoota yommuu godhu toora gara dhumaa irra nu kaa'eetu, hiriiraan akka namoota duuti itti murtaa'eetti. Nuyi namoota biyya lafaatiifis ta'e ergamootaaf warra argaman taaneerra. <sup>10</sup>Nuyi Kiristoosiiif jecha gowwoota, isin garuu Kiristoositti ogeessota. Nuyi dadhaboota, isin garuu jaboo dha. Isin kabaja keessatti qabamtaniittu, nuyi garuu salphina keessatti qabamneerra. <sup>11</sup>Hamma yeroo kanaatti nuyi ni beelofna, ni dheebonnas, uffata moofaa uffanneerra, ni reebamna, manas hin qabnu. <sup>12</sup>Baay'ees ni hojjenna, harka keenyaan ni hojjenna. Yommuu nu abaaran, ni eebbfina. Yommuu ari'atamnu, ni dandeenya. <sup>13</sup>Yommuu abaaramnu, garraamummaadhaan ni dubbanna. Nuyi biyya lafaa keessa akka warra gatamanii taaneerra, akka balfaattis lakkamneerra, ammuma iyyuu taanaan."Waan barreeffamee olitti hin adeeminaa." <sup>14</sup>Kanan waan kana isiniif barreessu akka isin qaanoftaniif otuu hin ta'in, garuu akka ijoollee jaallatamaniitti isin akeekkachiiduudhaaf jedheeni. <sup>15</sup> Sababiin isaa isin Kiristoositti eegduu kuma yoo qabaattan illee, aboota hedduu garuu hin qabdan. Ani kara Kiristoos wangeelaan abbaa isiniif ta'eeraatii. <sup>16</sup>Kanaafuu ani akka isin akkeessitoota koo taatan isin nan jajjabeessa. <sup>17</sup>Ximootewosiin, ilma koo isa ani jaalladhuu fi Gooftaatti amanamaa isa ta'e, kanan gara keessanitti ergeef kanaafi. Inni karaa koo isa kan Kiristoos isinitti ni argisiisa, akkuman bakka hundumaa fi waldaa Kiristiyanaa hundumaa keessatti isaan barsiisuutti. <sup>18</sup> Amma isin keessaa tokko of bokoksitaniittu, waanan gara keessan hin dhufne isinitti fakkaatee. <sup>19</sup> Ani garuu yoo Gooftaan jedhe dhi'ootti gara keessan nan dhufa. Yommus ani warra of bokoksan kana jecha isaanii beekuu qofa otuu hin ta'in, aangoo isaaniis nan arga. <sup>20</sup>Mootummaan Waaqayyoo jechaan otuu hin ta'in humnaan kan guutameedhaatii. <sup>21</sup>Maal barbaaddu? Uleedhaan moo jaalala fi of-qabuu hafuuraatiin gara keessan akkan dhufu barbaaddu?

## Chapter 5

<sup>1</sup>Isin gidduutti sagaagaltummaan akka raawwatamu dhageenyeerra, safu-dhabeenyiakkanaa warra hin amanin biratti illee eyyamamaa miti: Nmni haadha warraa abbaa isaa waliin ciisa. <sup>2</sup>Guddaa of bokoksitaniittu! Ijaa kanaa gadda taa'uun isin irra hin turre moo, namni inni waan akkasii kana hojjete isin gidduudhaa akka baafamutti?<sup>3</sup> Ani qaamaan isin gidduu yoon hin jiraatin illee, hafuuraan isin waliinan jira. Ani nama waan akkasii raawwate irratti murtii kenneera, akkuma waanan achi tureetti. <sup>4</sup>Isin maqaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin yommuu wal geessanii fi ani immoo hafuuraan isin waliin yomuu jirutti, humni Gooftaa keenya Yesuusis yommuu achi jirutti, <sup>5</sup>namicha kana badiisa foon isaatiitiif Swwxanatti dabarsaa isa kennaa, guyyaa Gooftaatti hafuurri isaa akka fayyuuf.<sup>6</sup> Of-tuuluun keessan gaarii miti. Hin beektani moo raacitii muraasni bukoo guutummaa bukoo akka bukeessu? <sup>7</sup>Bukoo isa haaraa, isa hin bukaa'in akkuma amma jirtan kanatti, ta'uu akka dandeessaniif raacitii isa moofaa irraa of-qulleessaa. Kiristoos, hoolaan Faasikaa keenya, aarsaa nuuf ta'eeraatii. <sup>8</sup>Kanaafuu kottaa ayyaanicha ni ayyaaneessinaa, raacitii isa moofaadhaa, isa amala gadheetii fi hamminaatiin otuu hin ta'in. Ijaa kanaa, kottaa maxinoo gadi of-qabuutii fi kan dhugaatiin ni ayyaaneffannaa.<sup>9</sup> Ani xalayaa kana kanan isiniif barreesseef namoota warra sagaagaltoota sana waliin walitti isin hidhuuf miti. <sup>10</sup>Karaa kamiin iyyuu ani namoota warra biyya lafaa kanaa warra sagaagaltoota ta'an, yookaan warra albaadheyii ta'an, yookaan warra nama saaman, yookaan warra waqayyoolii tolfamaao waqessan jechuu koo miti, isaan irraa fagaachuu jechuun biyya lafaa kana irraa adeemuu waan ta'eef.<sup>11</sup> Ani kanan amma isiniif barressuuf garuu akka isin nama isa obboleessa jedhee otuu waamamuu garuu sagaagalummaatti, yookaan albaadhummaatti, yookaan waaqa tolfamaa waaqessuutti, yookaan nama arrabsuutti, yookaan machiitti, yookaan nama saamutti jiraatu waliin akka isin hidhata hintaaneefi. Nama akkanaa kana walin nyaata illee hin nyaatinaa. <sup>12</sup>Ani warra waldaa Kiristiyanaati ala jiran haala akkamitiinan murtii isaanitti kennuu danda'atii? Ijaa kanaa, isin warra waldaa Kiristiyanaa keessa jiran irratti murtii kennuu jirtu mitii? <sup>13</sup>Isaan warra bakkee jiran Waaqayyotu isaanitti murtii kenna."Nama isa cubbamaa of keessa baasaa."

## Chapter 6

<sup>1</sup> Isin keessaa namni tokko nama kan biraan yoo falmii qabaate, warra qajeelota hin ta'in biratti geessee itti murteessifataa, qulqulloota Waaqayyootti geeffachuu irra? <sup>2</sup>Isin hin beektanii qulqulloonni Waaqayyoo biyya lafaa kana irratti murtii kennuudhaaf akka jiran? Egaa isin erga biyya lafaa irratti murtii kennitu taatanii, dhimmoota xixiqqoo raawwachuu hin dandeessanii ree? <sup>3</sup>Nuyi akka ergamoota waqaq irraa irratti iyyuu murtii kennuuf jirru hin beekani moo? Jirenya isa asii kana irratti immoo hangam caalaa murtoo kennuudhaaf jirra ree?<sup>4</sup>Yoo akkana ta'ee isin dhimmoota guyyaa guyyaa irratti murtii kennitu waan ta'eef, dhimmoota akkanaa kanneen maaliif warra waldaa Kiriistiyaanaa keessaa dhaabbii hin qabnetti geesitu? <sup>5</sup>Ani kana kanan jedhu isin yeellasisuudhaafi. Isin gidduu obboleessi ogeessi wal-dhabdee obboloota gidduu jiru hiikuu danda'u hin jiru moo? <sup>6</sup>Garuu obboleessi tokko obboleessa isa kaan irratti dhimma seeraa qabatee ni dhufa—isa kana immoo warra hin amanne bira!<sup>7</sup> Dhimma seeraa wal irraa qabaachuun keessan sirumaa iyyuu isiniif mo'amuu dha. Isa kana irra maaliif waan isin irra ga'e sana hin dandeessan? Yoo gowwomfatan illee maaliif hin obsitan? <sup>8</sup>Garuu isin matumti keessan iyyuu balleessaa ni hojettu, ni gowwomsitus, kana immoo kan gootan obboloota keessan irratti!<sup>9</sup> Do you not know that the unrighteous will not inherit the kingdom of God? Hin gowwominaa: warri sagaagal, yookaan warri waaqota tol famoo waqqessan, yookaan warri ejjan, yookaan warri fakkaattii isaanii waliin ejjan,<sup>10</sup> yookaan warri hatan, yookaan warri sassatan, yookaan warri machaa'an, yookaan warri maqaa nama baalleessan, yookaan warri nama saaman mootummaa Waqqaa hin dhaalan.<sup>11</sup>Isin keessaa tokko tokko kana fakkaattu turtan. Amma garuu qulloftaniittu, dhiqamtaniittu, maqaa Goofta Yesuus Kiristoosii fi Hafuura Waaqayyoottin qajeelota tasifamtaniittu.<sup>12</sup> "Anaaf wanti martinuu seera-qabeessa," wanti martinuu garuu bu'a-qabeessa miti. "Anaaf wanti martinuu seera-qabeessa," garuu ani tokkoo isaniitiin iyyuu hin mo'atamu.

<sup>13</sup>"Nyaanni garaadhaafi, garaanis nyaataafi," garuu Waaqayyo lamaanuu isaanii ni balleessa. Qaamni namaa sagaagalummaadhaaf hin uumamne. Ijaan kanaa, qaamni namaa Gooftaadhaafi, Gooftaan qaama namaa ni soora.<sup>14</sup>Waaqayyo inni Gooftaa du'aa kaase nuunis aangoo isaatiin nu kaasa. <sup>15</sup>Qaamni keessan miseensota qaama Kiristoos ta'uu isaa hin beektanii? Egaa ani qaama dhaqnaa Kiristoos fuudhee qaama sagaagaltuu waliin walitti fiduun naaf ta'aa ree? Kun tasumaa hin ta'in!<sup>16</sup> Namni sagaagaltuu waliin waitti dhufe ishee waliin qaama tokko akka inni ta'u hin beektanii ree? Caaffata qulqullaa'an akka jedhutti, "Isaan lamaan foon tokko ni ta'u."<sup>17</sup>Namni Gooftaa waliin walitti dhufu garuu isa waliin hafuura tokko ni ta'a.<sup>18</sup> Sagaagalummaa irraa baqadhaa! Cubbuun namni raawwatu martinuu qaama namaatii alatti ta'a, namni cubbuu sagaagalummaa raawwatu garuu qaama ofii isaatii irratti ni raawwata.<sup>19</sup>Qaamni keessan mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu ta'uu isaa hin beektanii ree? Kan ofii keessanii akka hin ta'in hin beektanii ree?<sup>20</sup>Gatiidhaan bitamtaniittuutii. Kanaafuu, qaamaa fi hafuura keessan, isa kan Waaqayyo ta'een, Waaqayyoon kabajaa.

## Chapter 7

<sup>1</sup>Amma waa'ee isa isin barreessitanii: "Dhiiraaf dubartii tuquun dhiisuun gaarii dha." <sup>2</sup>Garuu sababii hojii sagaagalummaatiin qoramuun jiruuf, namni hundumtuu haadha warraa ofii isaatii qabaachuu wayyaaf, dubartiin martinuu abbaa warraa qabaachuu.<sup>3</sup> Abbaan warraa haadha warraa isaa waliin saal-quunnamtii qabaachuudhaaf itti gaafatama isaa hundumaa ba'achuu qaba, haaluma wal fakkaatuun haati warraas abbaa warraa isheetif.<sup>4</sup> Qaama ofii isheetii irratti aboo kan qabdu haadha warraa miti, abbaa warraa ishee ti malee. Haaluma wal fakkaatuun, abbaan warraas qaama ofii isaatii irratti aboo hin qabu, haadha warraa isatu qaba malee.<sup>5</sup> Yoo walii galteedhaan yeroo murtaa'e qofaadhaaf ta'e malee wal hin dhowwatinaa. Kana immoo yoo gootan kadhannaadhaaf yeroo qabaachuudhaaf qofa haa ta'u. Achii immoo walitti deebi'aa, of-qabuu dadhabuu keessaniin Seexanni akka isin hin qorreef.<sup>6</sup> Garuu kanan kana isiniin jedhu akka gorsaatti malee akka abboomiitti miti.<sup>7</sup> Namni martinuu akka koo otuu ta'ee nan hawwan ture. Garuu namni martinuu Waaqayyo bira a kennaa ofii ofii isaatii qaba. Namni tokko kennaa isa kana qaba, inni kaan immoo isa sana.<sup>8</sup> Waarri gaa'elatti hin seeninii fi warra abbaan yookaan haati warraa irraa boqotaniif otuu gaa'elatti deebi'anii seenuudhaa baataniin jedha, akkuma koo.<sup>9</sup> Garuu of-qabuu yoo hin danda'in, gaa'ela haa godhatan. Fedhaan gubachuu irra gaa'ela qabaachuutu gaarii dha.<sup>10</sup> Amma immoo warra gaa'ela keessa jiraniif abboommii kanan kennaa—ana mit, Gooftaa dha—haati warraa abbaa warraa ishee irraa adda hin ba'in<sup>11</sup> (garuu yoo abbaa warraa ishee irraa adda baateef, isheen hin heerumin, yookaan abbaa warraa isheetti haa araaramtu), abbaan warraas haadha warraa isaa hin hiikin.<sup>12</sup> Garuu warra kaaniif akkanan jedha—anatu, Goofticha miti—obboleessi tokko haadha warraa hin amanne yoo qabaate, isheen immoo isa waliin jiraachuudhaaf yoo jaallatte, inni ishee hiikuu hin qabu.<sup>13</sup> Dubartiin tokkos abbaa warraa hin amanne yoo qabaatte, innis ishee waliin jiraachuu yoo jaallate, isheen isa hiikuu hin qabdu.<sup>14</sup> Abbaan warraan hin amanin sun haadha warraa isaatif jedhee adda ba'eeraatii, akkasumas haatti warraan isheen hin amanne sun obboleessa sanaaf jettee adda baateettiitii. Yoo kun hin ta'in, ijooleen keessan kan hin qulqulloofne ta'u, garuu isaanis adda baafamaniiru.<sup>15</sup> Garuu namni hin amanin sun yoo adda ba'e, haa dhaqu. Haalaakkanaa keessatti, obboleessi yookaan obboleettiin sun kakuun isaanii isaan hin qabu. Waaqayyo akka nuyi nagaadhaan jiraannuuf nu waame.<sup>16</sup> Yaa dubartii, akkamitti beekta, abbaa warraa kee fayyisuu yoo dandeesse? Ati woo, yaa namichaa, akkamitti beekta, haadha warraa kee fayyisuu yoo dandeesse?<sup>17</sup> Haa ta'u malee, Waaqayyo hundumaafuu ga'aa isaa kenneera waan ta'eef, martinuu akkuma Waaqayyo isaan waametti haa adeeman. Kun waloota Kiristiyaanaa mara keessatti seera ani kennee dha.<sup>18</sup> Namni kam iyyuu yeroo akka amanuuf waamame kittaanameeraa? Akka waan hin kittaanaminiitti of hin mul'isuudhaaf hin yaalin. Namni tokko yeroo amanuudhaaf waamame hin kittaanamnee? Inni kittaanamuu hin qabu.<sup>19</sup> Kan barbaachisu kittaanamuu yookaan kittaanamuu dhabuu mitii ti. Kan barbaachisu abboommii Waaqayyoo eeguu dha.<sup>20</sup> Tokkoon tokkoon namaa haala yeroo akka amanuuf waamame keessa ture keessa haa turu.<sup>21</sup> Yeroo Waaqayyo si waame hojjetaa namaa turtee? Waa'ee isatti hin dhiphatin. Garuu yoo harka namaa jalaa ba'uu dandeesse, carraa keetti fayyadami.<sup>22</sup> Gootaadhaan namni garbummaa keessa waamame Gooftaa biratti bilisaatii. Haaluma wal fakkaatuun, namni yeroo waamame biliisa tures garbicha Kiristoosi.<sup>23</sup> Isin gatiidhaan bitamtan, kanaafuu garboota namootaa hin ta'inaa.<sup>24</sup> Obbolootaa, namni tokko yeroo waamamu haala akkamii keessa iyyuu haa turuu, Waaqayyo waliin haaluma sana keessa haa turu.<sup>25</sup> Amma immoo waa'ee warra hin tuqamin jiranii, Gooftaa biraa abboomiin homtinuu naaf hin kennamne. Garuu araara Gooftatiin nama amanamaa akkan ta'etti, yaada koon isiniif kenna.<sup>26</sup> Kanaafuu, sababa balaa dhufaa jiruutiif, namni martinuu akkuma jirutti turuun isaa gaarii anatti fakkaata.<sup>27</sup> Haadha warraatti hidhamtaniittuu? Hiikuu hin barbaadinaa. Haadha warraa irraa biliisa jirtu yoo taatan, haadha warraa hin barbaaddatinaa.<sup>28</sup> Garuu yoo fuutanis, isin cubbuu hojjettan miti, durbi tokko yoo heerumte, isheen cubbuu hin raawwanne. Garuu warri akkasitti jiraachuu fedhan rakkina foonii hedduutu isaan irra jira, ani immoo isa kana irraa isin oolchuu nan jaalladha.<sup>29</sup> Garuu obbolootaa, kanan isiniin jedha: Yerottiin gabaabduu dha. Amma irraa eegaltanii, warri haadha warraa qabdan akkuma waan hin qabneeti jiraadhaa.<sup>30</sup> Warri boossan akka waan boo'aa hin jirreetti jiraadhaa, warri gammaddanis akka waan gammadaa hin jirreetti, warri bittanis akka waan homaa iyyuu hin qabnetti,<sup>31</sup> warri biyya lafaatti fayyadamatnis akka waan guutummaatti itti fayyadamaa hin jirreetti of lakkaa'aa. Biyyi lafaa kun bifa amma jirtu kanaan baduuf jirtiitii.<sup>32</sup> Dhipuu irraa akka isin biliisa taatan nan barbaada. Namni gaa'elatti hin galin waa'ee Goofticha ni yaada, akkamitti akka is gammachiisu.<sup>33</sup> Garuu namichi inni fuudhe immoo waa'ee biyya lafaa kanaa yaada, akkamitti haadha warraa isaa akka gammachiisu—<sup>34</sup>inni gargar hirameera. Dubartiin hin heerumin yookaan durbi tokko waa'ee Goofticha yaadu, akkamitti qaamaa fi hafuuraan adda ba'an. Dubartiin heerumte garuu waa'ee biyya lafaa kanaa yaaddi, akkamitti abbaa warraa ishee akka gammachiiftu.<sup>35</sup> Ani isa kana faayidaadhuma keessaniifan isiniin jedha, malee gufuu tokko iyyuu isin dura

kaa'udhaaf miti. Ani waa'ee waan sirii ta'eetiifan isinitti hima, isin gufuu tokko malee Gooftichaaf akka of kennitaniif.<sup>36</sup> Garuu namni tokko durbummaa ishee kabajaan qabaata hin jiru yoo ta'e—yoo umurii heermaa dabarteetti ta'e akkasuma haa ta'u—waanmuma wayyuuf haa gootu. Inni kun cubbuu miti. Gaa'ela godhachuu qabu.<sup>37</sup> Garuu yaada garaa isaatii keessatti jabaatee dhaabachuu yoo danda'e, dhiibbaa jala kan hin jirree fi hawwii isaa to'achuu yoo danda'e, kana gochuudhaaf, qeerrummaa isaa eeggachuudhaaf, immoo yaada garaa isaatii keessatti murteesseera yoo ta'e, kun gaarii dha.<sup>38</sup> Namni qeerrummaa isaa dhiisee fuudhu gaarii godha, namni fuudhuu dhiisee jiraachuu barbaadu immoo caalaa iyyuu gaarii godhe.<sup>39</sup> Yeroo abbaan warraa lubbuudhaan jirutti haati warra isatti hidhamteetti. Garuu yoo abbaan warraa du'e, abbaa barbaaddetti heerumuudhaaf biliisummaa qabdi, garuu Gooftaatti qofa.<sup>40</sup> Garuu akka yaada kootiitti akka jirtutti yoo jiraatte, gammachuu caalu ni qabaatti. Natti fakkaatas Hafuura Waaqayyoo kanan qabu.

## Chapter 8

<sup>1</sup> Amma immoo waa'ee nyaata waaqota tolfamoodhaaf aarsaa ta'ee dhi'aatee: Nuyi hundumti keenya beekumsa akka qabnu ni beekna. Beekumsi nama bokoksa, jaalalli garuu nnnama ijaara. <sup>2</sup>Namni tokko akka waan waa beekuutti yoo yaade, namni sun akka waa hin beekne of hin beeku. <sup>3</sup>Garuu namni tokko yoo Waaqayyoon jaallate, namni sun isaan beekameera.<sup>4</sup> Kanaafuu, waa'ee nyaata waaqota tolfamoodhaaf aarsaa ta'ee dhi'aatee: Nuyi akka waaqonni tolfamoon biyya lafaa kana irraa homaa iyuu akka hin taanee fi Waaqayyo tokkichi akka jiru ni beekna. <sup>5</sup>Otuma waaqota jedhamanii kanneen waamaman lafa kana irras ta'e waaqa irra yoo jiraatan illee, [akkuma "waaqaonni" fi "gooftonni" hedduun jiran sana], <sup>6</sup>nuyiif amma illee Waaqayyo tokkichatu jira, Abbaa, wanti martinuu isa biraa kan ta'ee fi nuyis isaaf kan jiraannu, Goofta tokkicha, Yesuus Kiristoos, wanti hundinuu karaa isaa kan jiraatuu fi nuyis isaan kan jiraannu.<sup>7</sup> Haa ta'u malee, beekumsi kun nama hundumaa keessa hin jiru. Ijaa kanaa, kaan kaan duraan waaqa tolfamaa waaqessaa turan, nyaata kanas kan isaan nyatan akka inni waan waaqicha tolfamaadhaaf dhi'aatetti amanuudhaani. Sababa isaan dadhaboota ta'aniif, hubannaan isaanii gar-malee dha.<sup>8</sup> Garuu nyaanni gara Waaqayyootti nu hin dhi'eessu. Nuyi yoo nyaachuudhaa baanne, hamaa hin taanu, yoo nyaannes gaarii hin taanu. <sup>9</sup> Garuu of-eeggadhaa biliisummaan keessan nama isa amantiitti dadhabaa ta'e tokkoos akka inni gufatuuf sababa akka itti hin taanetti. <sup>10</sup>Isin warri beekumsa qabu otuu isin mana sagadaa waaqa tolfamaa keessatti nyaataa jirtanii namni tokko isin arge haa jennu. Hubannaan isaa inni dadhabaan akka inni nyaata waaqa tolfamaadhaaf dhi'aate sana akka inni nyaatuuf isa hin kakaasuu ree?<sup>11</sup> Kanaafuu sababii hubanna waa'ee uumama waaqa tolfamaa irratti ati qabduutiif, inni dadhabaan, obboleessi Kiristoos isaaaf du'e sun, ni bada. <sup>12</sup>Kanaafuu, isin yomuu obboleessa keessan irratti yakkitanii hubanna isaa madeessitan, Kiristoosiin yakkitan jechuu dha. <sup>13</sup> Kanaafuu, nyaanni yoo obboleessa koo akka inni gufatuuf sababa ta'a ta'e, ani lammata nyaata hin nyaadhu, obboleessi koo akka kufuuf sababa akkan itti hin taaneef.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Ani biliisa mitii? Ani ergamaa dha mitii? Ani Gooftaa keenya Yesuusiin ani hin arginee? Isinis Gooftaatti ija hojii kootii mitii? <sup>2</sup>Warra kaaniif yoon ergamaa hin ta'in illee isiniif garuu ani ergamaa dha. Isin Gooftaati ergama ta'uu kootiif chaappaa dhaatii.<sup>3</sup> Namoota warra ana qoruu yaalaniif deebiin koo isa kana: "Nuyi nyaachuudhaaf fi dhuguudhaaf mirga hin qabnu moo?" Haadha warraa amantuu taate tokko fuudhuudhaaf nuyi mirga hin qabnuu, akkuma ergamoota warra kaanii fi obboloota Gooftaa, akka Keefaa? <sup>6</sup>Or do only I and Barnabas not have the right to not work at a trade?<sup>7</sup> Loltuun dabarsee of-kennuudhaan tajaajilu eenuu inni? Wayinii dhaabee ija isaa kan hin nyaanne eenuu dha? Yookaan namni horii tiks u garuu aannan isaanii kan hin dhugne eenuu dha? <sup>8</sup> Ani kana kanan jedhu beekumsa namaatiinii? Seerichis kanuma hin jedhuu?<sup>9</sup> Seericha Musee keessatti akkana jedhamee barreeffameeraatii, "Yommuu inni midhaan irra adeemutti sangaa afaan isaa hin hidhinaa." Waaqayyo kan inni dhimmuuf sangaadhaafree? <sup>10</sup>Inni waa'ee keenya dubbachuu isaa mitii? Inni waa'ee keenyaaf barreeffame, inni qotu abdiidhaan qotuu qaba, inni dhiichisus midhaanicha irraa ga'aa isaa akka argatu abdachuu qaba. <sup>11</sup>Nuyi yoo isin giddutti wanneen hafurraa facaafne, isin irraa wanneen foonii argachuun nutti guddataa ree?<sup>12</sup> Warreen kaan mirgoota kanneen isin irraa argataniiru yoo ta'e, nuuf immoo caalaan nuuf hin ta'uu ree? Nuyi garuu mirga kana hin gaafanne. Ijaa kanaa, wangeela Kiristoositti gufuu akka hin taaneef jennee waan hundumaatti dadhabnee hojenne. <sup>13</sup>Warri hojii qulqullummaa hojjetan mana qulqullummaa keessaa nyaata isaanii akka isaan argatan hin beektanii? Warri iddo aarsaa irraa tajaajilan akka isaan wanneen aarsaadhaaf dhi'aatan irraa hirmaatan hin beektanii? <sup>14</sup> Haaluma wal fakkaatuun, warri wangeela labsan akka isaan jirenya isaaniitiif waan barbaachisu wangeela irraa argatan Gooftaan abboomeera. <sup>15</sup> Garuu ani mirgoota kanneen keessaa homaa tokko illee hin gaafanne. Kanan kana isiniif barreessus wanti tokko iyyuu akka anaaf godhamuuf miti. Anaaf du'u anaaf wayya—Namni tokko illee of-jajuu koo duwwaatti hambisuu isaa irra! <sup>16</sup>Yoon wangeela lallabe, sababan ittiin of-tuuluuf hin qabuutii, sababiin isaa kana raawwachuudhumatu ana irra jira. Akkasumas ani yoon wangeela lallabuudhaa baadhe anaaf wayyoo!<sup>17</sup> Isa kana fedhii kootiin yoon hojjedhe, ani badhaasan qaba. Garuu yoo fedhii kootiin ala ta'e, amma illee hojii soortummaa kan anatti kennname nan qaba. <sup>18</sup>Yoos egaa badhaasn koo maal inni? Yeroon wangeela lallabu, gatii malee kennuu kootii fi mirga koo guutummaatti itti fayyadamuu dhiisuu koo ti.<sup>19</sup> Yoon waan mara irraa biliisa ta'e illee, hundumaaf tajaajilaa ta'eera, akkan kan ammaa caalaa lubbuuwwan booji'uudhaaf. <sup>20</sup>Warra Yihuudii ta'anif akka Yihuudiin ta'e, akkan warra Yihuudii ta'an booji'uudhaaf. Warra seericha jala jiranif, anis akka nama seericha jala jiruun of taasise, warra seericha jala jiran booji'uudhaaf. Ani ofii kootiif yoon seericha jala hin jiraatin illee ani kana godheera.<sup>21</sup> Warra seerichaa ala jiranif, anis akka nama seerichaa ala jiruun of taasise, yoon ofii kootiif seericha isa kan Waaqayyootii ala hin ta'in illee, ani garuu seera isa kan Kiristoos jalan jira. Ani akkan warra seerichaa ala jiran booji'uufan isa kana godhe. <sup>22</sup>Warra dadhabootaaaf anis dadhabaan ta'e, akkan warra dadhaboota booji'uuf. Ani namoota hundumaaf waan hundumaan ta'e, akkan karaa hundumaatiin nama hundumaa fayyisuuf. <sup>23</sup> Ani waan mara kanan godhu wangeelaaf jedheeni, akkan eebba isaa keessaa qooda qabaadhuuf.<sup>24</sup> Hin beektani moo dorgommii keessatti nama maratu fiiga, garuu kan badhaasa argatu tokko qofaa akka ta'e? Kanaafuu badhaasa argachuudhaaf fiigaa. <sup>25</sup>Namni fiigicha fiigu martinuu waan maratti of-qabuu ni shaakala. Isaan amartii isa baduuf jiru argachuudhaaf kana godhu. <sup>26</sup>Kanaafuu ani kanan fiigu akkanatti, kaayyoo malee miti; akkanattan abooteedhaan rukuta, akka nama qilleensa abootutti miti. <sup>27</sup>Garuu ani qaama koo gadi deebisuudhaan nan dadhabsiisa, ergan warra kaanitti lallabee booda, ani mataan koo immoo akkan duubatti hin hafneef.

## Chapter 10

<sup>1</sup> Yaa obboloota ko, ani akka isin wallaalota taatan hin barbaadu, abboonni keenya martinuu duumessa jala akka turanii fi akka martinuu isaanii galaanicha keessa darban. <sup>2</sup> Martinuu Museetti duumessichaa fi galaanicha keessatti cuuphamaniiru, <sup>3</sup> martinuu nyaata hafuuraa tokkicha nyaataniiru. <sup>4</sup> Martinuu dhugaati hafuuraa tokkicha dhuganiiru. Dhagaa hafuuraa isa isaan hordofaa ture irraa dhuganiiru, dhagichi sunis Kiristoos ture. <sup>5</sup> Garuu Waaqayyo hedduu isaaniitti hin gammadne ture, reefi isaaniis lafa onaa keessa ni faffaca'e. <sup>6</sup> Amma wanneen kunneen nuyiif fakkeenyaa, akka nuyi warreen cubbuu ta'an hin taaneef akka warreen sun hawwanitti. <sup>7</sup> Isin waqeessitoota waaqota tolfamoo hin ta'inaa, kaan kaan isaaniiakkuma turanitti. Inni kun akkanatti barreeffameera, "Jarreen sun nyaachuudhaa fi dhuguudhaaf ni taa'an, taphachuudhaafis ni ka'an." <sup>8</sup> Akkuma hedduun isaanii raawwatan, nuyis sagaagalummaa hin raawwannu. Waa'ee isa kanaatiin namoonni kumni digdamii-sadii guyyaa tokko keessatti ni du'an. <sup>9</sup> Kiristoosiinis hin qorru, akkuma kaan kaan isaaniiisa qoranii bofaan hiddamanii balleeffaman. <sup>10</sup> Akkasumas isin hin guunguminaa, hedduun isaanii guungumuudhaan ergamaa du'aatiin balleeffamaniiruutii. <sup>11</sup> Amma wanneen kun kan isaan irraa ga'an nuyiif fakkeenyaa akka ta'uufi. Isaan nuyiif gorsa akka ta'aniif barreeffaman—nuyiin warra barri inni dhumaanu irra ga'eef.

<sup>12</sup> Kanaafuu, namni kam illee akka dhaabbatee jiru kan itti fakkaatu akka hin kufneef of haa eeggatu. <sup>13</sup> Nama isa kam irra iyyuu kan hin ga'in qoramsi isin irra ga'e hin jiru. Ijaa kanaa, Waaqayyo amanamaa dha. Inni dandeettii keessanii ol akka isin qoramtnaif hin eyyamu. Qoramsa isinitti dhufu waliin inni karaa ba'aas isiniif ni qopheessa, akka isin keessa darbuu dandeessaniif. <sup>14</sup> Kanaafuu, yaa jaallatamo, waaqa tolfamoo waaqessuu irraa fagaadhaa. <sup>15</sup> Ani akka nama hubanna qabaniittan isinitti dubbadha, wanneen ani dubbadhu akka isin qortanii ilaaltaniif. <sup>16</sup> Xoofoo eebbaa inni nuyi eebbfnu, dhiiga Kiristoos keessaa kan hirmaatame mitii? Buddeenni inni nuyi cabsannu, dhagna Kiristoos mitii? <sup>17</sup> Buddeena tokkichatu jira waan ta'eef, nuyi hedduu taanee otuu jirruu qaama tokkoo dha. Nuyi martinuu buddeena tokkicha irraa waliin nyaanna. <sup>18</sup> Israa'el isa akka fooniitti ta'e ilaalaa. Warri aarsaa dhi'aatu irraa nyaatan qooda-fudhattoota iddo aarsaa ti mitii ree? <sup>19</sup> Yoos eg aa ani maalan jedha ree? Waaqni tolfamaan akka inni waan tokko ta'ee ti? <sup>20</sup> Garuu ani waa'ee wanneen isaan aarsaa dhi'eessaniin dubbadha, isaan wanneen kanneen Seexanaaf malee Waaqayyoof hin dhi'eessan! <sup>21</sup> Isin xoofoo Gooftichaatii fi kan Seexanaa keessa dhuguu hin dandeessan. Isin gabataa Gooftichaatii fi kan Seexanaatti dhi'aachuu hin dandeessan. <sup>22</sup> Yookaan nuyi Goofticha hinaaffaadhaaf ni kakaafnaa? Nuyi isa caalaa jaboota moo? <sup>23</sup> "Wanti martinuu seera-qabeessa," garuu wanti martinuu bu'a-qabeessa miti. "Wanti martinuu seera-qabeessa," garuu wanti martinuu namoota hin ijaaru. <sup>24</sup> Namni kam illee gaarummaa ofii isaa qofa hin barbaadin. Ijaa kanaa, gaarummaa hiriyyaa isaatii haa barbaadu. <sup>25</sup> Waan gabaa keessatti argattan hundumaa bittadhaa nyaadhaa, gaafffi yaadaa otuu hin gafatin. <sup>26</sup> Sababiin isas "lafti kun kan Gooftichaatii, guutummaan ishee."

<sup>27</sup> Namni hin amanne tokko nyaataaf yoo isin waame, dhaquu yoo feetan, waan isiniif kennname mara iyyuu nyaadhaa, gaafffi keessa yaada keessan otuu hin galchin. <sup>28</sup> Garuu namni tokko yooakkana isiniin jedhe, "Wanti kun aarsaadhaaf dhi'aate," yoos hin nyaatinaa, namichaakkana isiniin jedhe Sanaa fi yaada mataa keessaniitiifis jecha—F <sup>29</sup> yaada garaa namichaa isa kaanii jechuu koo ti, kan keessanis miti. Yaadni garaa kootii maalif kan nama kan birootiin madaalamatiif? <sup>30</sup> Yoon nyaaticha irraa galataan hirmaadhe, maalifan waanan galata galcheefii ture sanaaf deebi'ee arrabsama? <sup>31</sup> Kanaafuu, yoo nyaattanis ta'e yoo dhugdan, yookaan waanmuu gootan kam iyyu, ulfina Gooftichaatiif godhaha. <sup>32</sup> Yihuudota birattis ta'e Girriikota birattis muda-dhabeyyii ta'aa argamaa, waldaa Kiristiyaanaa Waaqayyoo birattis. <sup>33</sup> Haaluma wal fakkaatuun, ani nama mara iyyuu waan maraan gammachiisuun yaala. I do not seek my benefit, but that of the many. Kanan kana godhus akka isaan fayyaniif jedheeni.

## Chapter 11

<sup>1</sup> Isin fakkaattota koo ta'a, akkuman fakkaattii Kiristoos ta'e.<sup>2</sup> Ani amma isinan galateeffadha, waan maratti iyyuu waan isin ana yaadattaniif. Barssifata ani isinitti dabarsee mara iyyuu qabattanii waan jirtaniifis isinan galateeffadha.<sup>3</sup> Amma akka isin hubattan nan barbaada Kiristoos mataa nama hundumaa akka ta'e, dhiirri immoo mataa dubartii akka ta'e, akkasuma Waaqayyo immoo mataa Kiristoosii dha.<sup>4</sup> Dhiirri yommuu kadhatu yookaan raajii dubbatu mataa isaatti aguuggatu tokko mataa isaa ni yeellasifti. Inni kun mataa ishee haaddachuu isheetii wajjin wal fakkaataati.<sup>5</sup> Dubartiin tokko yoo mataa isheetti hin aguuggattu ta'e, rifeensa mataa isheetti gaggabaabsachuu qabdi. Mataa ishee of irraa haaduun yookaan gaggabaabsachuuun yeeloo dha yoo ta'eef immoo itti haa aguuggattu.<sup>6</sup> Namni mataa isaatti kan hin aguugganneef, inni bifaa fi ulfina Waaqayyo waan ta'eefi. Dubartiin garuu ulfina dhiira ti.<sup>7</sup> Namni dubartii irraa hin hojjetameetii. Gama kaaniin garuu, dubartiin dhiira irraa tolfaamte.<sup>8</sup> Yookaanis dhiirri dubartiidhaaf hin uumamneetii. Gama biroodhaan garuu, dubartiin dhiiraaf uumamte.<sup>9</sup> Sababa kanaafi dubartiin mataa ishee irratti mallattoo aangoo kan isheen qabaachuu qabduuf, sababa ergamotootaa waqaq irraatiif.<sup>10</sup> Haa ta'u malee, Gooftaatti, dubartiin dhiira irraa adda baatee ofiin of hin dandeessu, dhiirris dubartii irraa adda ba'ee of hin danda'u.<sup>11</sup> Akkuma dubartiin dhiira irraa dhuftu, dhiirris dubartii irraa dhufaatii. Wanneen martinuu immoo Waaqayyo irraa dhufu.<sup>12</sup> Isin ofi keessaniif murtii kennaa: dubartiin otuu mataa isheetti hin aguuggatin kadhachuun qajeelaa dhaa?<sup>13</sup> Uumamni mataan isaa iyyuu isin hin barsiisuu ree dhiirri yoo rifeensa mataa dhedheeraa qabaate, yeeloo isatti ta'u isaa?<sup>14</sup> Uumamni mataan isaa isin hin barsiisuu ree dubartin yoo rifeensa mataa isheetti dheereffatte, ulfina ishee akka inni ta'e? Rifeensi mataa isheetti akka uffataatti isheedhaaf kennameetii.<sup>15</sup> Garuu namni tokko waa'ee isa kanaa yoo falmuu barbaade, nuyi shaakala kan biroo hin qabnu, waldoonni Kiristiyaanaa Waaqayyoos akkasuma.<sup>16</sup> Garuu gorsawwan warra armaan gadi jiran keessatti ani isin galateeffachuudhaaf hin jiru. Isin yommuu walitti qabamtan, gaarummaadhaaf otuu hin ta'in garuu waan gaarii hin taa'iniifitii.<sup>17</sup> Jalqabuma irratti, isin yeroo waldaa Kiristiyaanaa keessatti wal geessan, garaa garummaan akka isin gidduu jiru ani nan dhaga'a, hanga tokos itti nan amana.<sup>18</sup> Isin gidduu gargar ba'umsi ni jiraatii, warreen mirkanoeffameef isin gidduutti isa kanaaf ragaa akka ta'aniif.<sup>19</sup> Yeroo wal geessanitti, kan isin nyaattan Irbaata Gooftaa mitiitii.<sup>20</sup> Isin yommuu nyaattan, tokkoon tokkoon keessan otuu warri kaan nyaata ofii isaanii hin argatin kan ofii ofii keessanii ni nyaattutii. Inni tokko yommuu beela'u, inni kaan immoo ni machaa'a.<sup>21</sup> Isin nyaachuudhaaf fi dhuguudhaaf mana ofii keessanii hin qabdani moo? Isin waldaa Kiristiyaanaa Waaqayyo xureessuudhaaf fi warra homaa hin qabne immoo yeellaasisuudhaafii re? Ani maal isiniin jedhu? Isin galateeffachuun qabaa? Ani isa kanaaf isin hin galateeffadhu!<sup>22</sup> Waanan Goofticha irraa fudhadhe ani isinitti dabarseeraatii, akka Gooftaan Yesuus, halkan itti ganame sanatti, buddeena fudhate.<sup>23</sup> Erga galata dhi'eesssee booda, buddeenicha cabseeakkana jedhe, "Kun foon koo ti, isiniif kan kennname. Ittiin ana yaadachuudhaaf kana godhaa."<sup>24</sup> Haaluma wal fakkaatuun, irbaaticha booddee xoofoo fudhatee,akkana jedhe, "Xoofoon kun dhiiga kootiin kakuu haaraa dha. Yeroo isa kana itti dhugdan maratti iyyuu, isa kana ittiin ana yaadachuudhaaf godhaa."<sup>25</sup> Sababiin isaa yeroo buddeena kana nyaattanii fi xoofoo kana keessaa itti dhugdanitti, isin du'a Kiristoos labsitu hanga inni deebi'ee dhufutti.<sup>26</sup> Eenyu illee, egaa, namni buddeenicha nyaatu yookaan xoofoo Gooftaa keessaa haala isaaf hin maliniin nyaatu yookaan dhugu, foonii fi dhiiga Gooftaatii itti gaafatamaa ni ta'a.<sup>27</sup> Namni kam iyyuu dursee of haa qoru, haala kanaanis buddeenicha haa nyaatu, xooficha keessaas haa nyaatu.<sup>28</sup> Namni inni otuu gargar baafatee hin ilaalin foonicha nyaatu dhiigichas dhugu, murtii of isaa irratti ni fida.<sup>29</sup> Isa kanaafi isin keessaa kaan dadhaboota fi dhukkubsattoota kan isaan ta'an, kaan immoo hirriba rafaniiru.<sup>30</sup> Garuu yoo qorree of ilaalle, murtiin nu hin argatu.<sup>31</sup> Garuu Gooftaan yommuu murtii nu irratti kennu, ni adabamna, biyya lafaa waliin akka abaaramnutti.<sup>32</sup> Kanaafuu, obboloota ko, nyaachuudhaaf yommuu wal geessan, walii keessan wal eegaa.<sup>33</sup> Namni beela'e yoo jiraate, mana ofiitti haa nyaatu, yeroo walitti qabamtan murtiidhaaf akka itti hin taanetti. Wanneen kan biroo kanneen isin barreessitanifi, yommuun dhufutti gorsa isiniif nan kenna.

## Chapter 12

<sup>1</sup> Waa'ee kennaawwan hafuuraa immoo, obboloota ko, akka isin wallaalota taatan ani hin barbaadu. <sup>2</sup>Ni beetu yommuu warra hin amanne turtanitti waaqota tolfamoo warreen dubbachuu hin dandeenyeen gara dabarfamaa turtan, garuma isaan isin geessanitti. <sup>3</sup>Kanaafuu, akka isin beektan nan barbaada namni Hafuura Waaqayyootiin dubbatu akkana akka inni jedhu, "Yesuus abaaramaa dha." Hafuura Waaqayyootiin yoo ta'e malee eenyu illee "Yesuus Gooftaa dha" jechuu hin danda'u.<sup>4</sup> Amma egaa kennaawwan adda addaatu jira, garuu Hafuura tokkicha.

<sup>5</sup> Tajaajillawan adda addaatu jira, garuu Gooftaa tokkicha; <sup>6</sup> akkasumas hojiiwwan adda addaatu jira, garuu Waaqayyo tokkicha isa waan hundumaa hojjetutu jira.<sup>7</sup> Amma tokkoo tokkoo namaatiif kan Hafuurichaa wanti alatti mul'atu faayidaa nama hundumaatiif kennameera. <sup>8</sup>Isa tokkoof Hafuurichaan ogummaa jechaatu, isa kaaniif immoo Hafuurichuma sanaan beekumsa jechaatu kennamaaf.<sup>9</sup> Amma iyyuu nama kan biroodhaaf immoo Hafuurichuma sanaan amantiitu kennamaaf, kan biroodhaafis Hafuurichuma sanaan kennaan dhukkubsataa fayyisuu ni kennamaaf.<sup>10</sup> Ammas nama biroodhaaf hojiiwwan ajaa'ibaa hojjechuutu kennamaaf, kan biroodhaafis raajii dubbachuutu kennamaaf. Kan biroodhaaf immoo hafuurota gargar baasee beekuutu kennamaaf, isa kaanisfis afaanota garaa garaatiin dubbachuutu kennamaaf.<sup>11</sup> Wanneerun kunneen martinuu hojii Hafuuricha tokkicha ti, tokkoo tokkoo namaatiif dhuunfaatti kennaawwan kennuufi, akkuma fedhetti.<sup>12</sup> Qaamni tokko ta'ee bu'aa dhaqnna hedduu akkuma qabu sana, Kiristoosittis akkasuma.<sup>13</sup> Hafuura tokkoon qaama tokkotti cuuphamneerraatii, Yihuudis ta'e Giriikii, hojjetaa namaas ta'e nama biliisa, martinuu Hafuura tokko irraa akka dhuganiif hojjetamaniiru.<sup>14</sup> Qaamichi bu'aa dhaqnnaa tokkicha otuu hin ta'in hedduudhaatii.<sup>15</sup> Miilli nama yooakkana jedhe, "Ani harka waanan hin ta'iniif, ani bu'aa dhaqnichaa miti," inni tasuma iyyuu bu'aa dhaqnnaa ta'uun isaa hin xiqaatu.<sup>16</sup> Akkasumas gurri yooakkana jedhe, "Sababa ani ija hin ta'iniif, ani bu'aa dhaqnichaa miti," innis haala kamiin iyyuu bu'aa dhaqnichaa ta'uun isaa hin xiqaatu.<sup>17</sup> Guutummadhumti qaamaa otuu ija ta'ee jiraatee, dhaga'uun eessaa argama ture? Guutummaan qaamaa otuu gurra ta'ee jiraatee, fuunfachuun eessaa argama ture?<sup>18</sup> Garuu Waaqayyo bu'aa qaamaa tokko tokkoon muudeera, tokkoo tokkoo isaanii, qaama nama keessatti akka fedha isaatiitti.<sup>19</sup> Hundumti isaanii bu'aa dhaqna tokkicha otuu ta'aniiru ta'ee, qaamichi eessaa argama?<sup>20</sup> Egaa amma lakkofsi isaanii hedduu dha, garuu martinuu qaama tokko.<sup>21</sup> Iji harkaanakkana jechuu hin danda'u, "Ani si hin barbaadu." Yookaan mataan miillaanakkana hin jedhu, "Ani si hin barbaadu."<sup>22</sup> Garuu bu'aawwan dhaqnna warreen dadhaboo fakkaatan caalaa barbaachisoo kan ta'anii dha,<sup>23</sup> akkasumas bu'aawwan dhaqnna warreen nuyi akka isaan kabaja hin qabne nutti fakkaatu, isaaniif kabaja isaa ol aanaa ni kenninaaf, bu'aawwan dhaqnna keenya warreen hin mul'anne immoo kabaja ol aanaa qabu.<sup>24</sup> Amma bu'aawwan dhaqnna keenya warreen mul'atan hanga warreen Sanaa hin barbaadaman. Ijaa kanaa, Waaqayyo qaamota kanneen yommuu walitti qabu, warreen kabaja hin qabneef kabaja isaa caalu kenneefii ti.<sup>25</sup> Inni kan inni kana godheef bu'aawwan qaamaa gidduu gargar ba'umsi akka hin jiraanneef jedhee ti, garuu bu'aawwan qaamaa akka isaan waliif yaadaniifi, jaalala wal-fakkaatuun.<sup>26</sup> Egaa yommuu bu'aan dhaqnna inni tokko dhibamu, qaamni martinuu waliin dhibamu; yookaan yommuu bu'aan qaamaa inni tokko kabajamu, qaamni martinuu waliin gammadu.<sup>27</sup> Amma isin qaama Kiristoosii fi tokko tokkoon immoo bu'aa qaamicha ti.<sup>28</sup> Waaqayyos waldaa Kiristiyanaa keessatti yommuu muudu duraan dursee ergamoota, lammaffaa irratti immoo raajota, sadaffaa irrattis barsiisota, achi irraa immoo warreen waan ajaa'ibaa hojjetan, achiis kennaa dhukkubsataa fayyisuu, warreen gargaarsa kennan, warreen hojii bulchiinsaa hojjetanii fi warreen afaan garaa garaatiin dubbatan.<sup>29</sup> Martinuun isaanii ergamootaa? Martinuun isaanii raajotaa? Martinuun isaanii barsiisotaa? Martinuun isaanii waan ajaa'ibaa hojjetuu?<sup>30</sup> Martinuun kennaa dhukkubsataa fayyisuu qabuu? Martinuun afaan garaa garaatiin ni dubbatuu? Martinuun afaanota dubbataman ni hiikuu?<sup>31</sup> Kenna Isa caalu hawwiidhaan barbaaddadhaa. Anis amma karaa Isa hundumaa irra gaarii ta'e isinittan argisiisa.

## Chapter 13

<sup>1</sup> Tarii yoon afaan namootaatii fi kan ergamootaatiin dubbadhe, garuu yoon jaalala hin qabaanne, ani dibbee sagaleen isaa guddaa yookaan bilbila kililchu ta'uu koo ti. <sup>2</sup>Tarii yoon kennaa raajii dubbachuu qabaadhee dhgaawwanii fi beekumsa dhokataa yoon hubachuu danda'e, amantii gaara bakka isaatii buqqisu maras yoon qabaadhe, garuu jaalala yoon hin qabaatin, ani homaa miti. <sup>3</sup>Tarii yoon qabeenya koo mara warra hiyyeeyyii nyaachisuudhaf oolche, qaamni koo illee akka gubatuuf yoon dabarsee keenne, garuu yoon jaalala hin qabaatin, ani homaa hin argadhu.<sup>4</sup> Jaalalli obsaadhaa fi gara-laafessa. Jaalalli hinaafaa miti, of hin tuulus. Inni of hin bokoksu <sup>5</sup>yookaan hamaa miti. Inni waan kan ofii isaatii hin barbaaddatu. Inni waan kan biroodhaan hin kakaafamu, balleessaas nama irratti hin lakkaa'u. <sup>6</sup>Hamminattis inni hin gammadu. Ijaa kanaa, inni dhugaatti ni gammada. <sup>7</sup>Jaalalli waan hundumaa danda'a, waan hundumaa amana, waan hundumaa abdata, waan hundumaas ni danda'a.<sup>8</sup> Jaalalli dhumaa hin qabu. Raajiiwan yoo jiraatan, isaan ni darbu. Afaan yoo jiraatan, gaaf-tokko ni dhaabbatu. Beekumsi yoo jiraate, inni ni darba. <sup>9</sup>Nuyi hanga tokko beekna, hanguma beeknu sanas raajii dubbannaatii. <sup>10</sup>Garuu yommuu inni dhugaa sun dhufutti, inni hir'uu ta'e sun ni darba.<sup>11</sup> Yommuun daa'ima turetti, ani akka daa'imaattan dubbadhe, akka daa'imaattan yaade, akka daa'imaattan sababa kenne. Yommuun nama ga'eessa ta'etti, wanneen daa'imummaa darbadheen gate. <sup>12</sup>Amma daawitii keessatti al-kallattiidhaan ilaalla, gaafa sanatti garuu fuulaa fulatti. Ani amma hanga tokkon beeka, gaafa sana garuu guutummaattan beekuudhaaf jira akkuman guutummaatti beekame. <sup>13</sup>Amma garuu wanneen kana sadantu hafee jiraata: amantii, abdiidhaa fi jaalala. Garuu kanneen keessaa jaalalli isa ol aanaa dha.

## Chapter 14

<sup>1</sup> Jaalala hordofaatii kennaawwan hafuuraas hawwaa, keessumatti akka raajii dubbattaniif. <sup>2</sup>Namni afaan haaraadhaan dubbatu namatti otuu hin ta'in Waaqayyotti dubbataatii. Waan inni Hafuurichaan iccitiwwan dubbatuufis namni isa hubatu hin jiruutii. <sup>3</sup>Garuu namni raajii dubbatu namootatti ni dubbata akka isaan ijaaramaniif, akka isaan hubataniif, isaan jajjabeessuudhaafis. <sup>4</sup> Namni inni afaan haaraadhaan dubbatu ofii isaa ni ijaara, namni inni raajii dubbatu garuu waldaa Kiristiyanaa ni ijaara. <sup>5</sup> Ani amma akka isin marti iyuu afaan haaraadhaan dubbatan nan hawwa. Garuu Sanaa olitti immoo, akka isin raajii dubbatanan hawwa. Namni inni raajii dubbatu nama isa afaan haaraadhaan dubbatu irra ni caala (yoo namni tokko afaan haaraa dubbatame sana hike waldaan Kiristiyanaa akka ittiin jabaattuuf). <sup>6</sup>Amma garuu, obboloota ko, yoon afaan haaraadhaan dubbataa gara keessan dhufe, ani akkamittan isin fayyada? Hin danda'u, yoon mul'ataan, yookaan beekumsaan, yookaan raajiidhaan, yookaan barsisaan isinitti dubbade malee. <sup>7</sup> Haaluma wal fakkaatuun, meeshaaleen lubbuu hin qabne yommuu sagalee kennan —akka ulullee yookaan kiraara—isin sagalee adda addaa hin kennitan yoo ta'e, namni akkamittin qooqa ululleen yookaan kiraari sun dhageessitu beeka ree? <sup>8</sup>Yoo finoon sagalee hin beekamneen afuufame, namni tokko akkamittu akka inni yeroo lolaa ta'e beekee of qopheessa ree? <sup>9</sup>Isiniifis afaan haaraadhaan dubbachuu akkasuma. Dubba ifa hin ta'in yoo isin dubbattan, wanti jedhame sun akkamittu hubatama ree? Isin qilleensuma keessatti dubbattu jechuu dha. <sup>10</sup>Afaanonni hedduun akka biyya lafaa kana irra jiran mamiin hin jiru, tokkoon isaanii illee hiikaa malee kan dubbataman hin jiran. <sup>11</sup>Garuu ani afaan dubbatame tokko yoon hiika isaa hin beeku ta'e, ani namicha dubbatu sanatti keessummaan ta'a, namicha dubbatu sanaafis ani keessummaa dha. <sup>12</sup> Isin birattis akkasuma. Akkuma isin mul'achuu Hafuura Qulqullutiif hawwa qabdantti, jabina waldaa Kiristiyanaas hawwaa isinis akka keessatti jabaattaniif. <sup>13</sup>Kanaafuu, namichi inni afaan haaraadhaan dubbatu hiikuus akka danda'uuf haa kadhatu. <sup>14</sup>Yoon afaan haaraadhaan kadhade, hafuurri koo ni kadhata, garuu sammuun koo ija-malee dha. <sup>15</sup> Maal gachuufan jira? Ani hafuura kootiinan kadhadha, garuu sammuu kootiinis nan kadhadha. Hafuura kootiin nan faarfadha, sammuu kootiinis akkasuma nan faarfadha. <sup>16</sup>Kanaa achi, Waaqayyoon yoo hafuuraan eebbiftan, namni alaan ilaalu akkamitti "Ameen" jechuu danda'a yommuu isin galata dhi'eessitan waan isin jettan yoo hin beekne? <sup>17</sup> Isin dhugaatti galata dhi'eessitaniittu, garuu namni biroon ittiin hin ijaaramneetii. <sup>18</sup> Ani hunduma keessan caalaa afaan haaraadhaan dubbachuu waanan danda'uuf Waaqayyoon nan galateeffadha. <sup>19</sup> Garuu waldaan Kiristiyanaa keessatti hubannaas kootiin jechoota shan qofa dubbachuu naaf wayya akkan namoota warra kaan gorsuuf, afaan haaraadhaan jechoota kuma kudhan dubbachuu koo irra. <sup>20</sup> Obbolootaa, yaada keessaniin daa'imoota hin ta'innaa. Ijaa kanaa, waa'ee hamminaatiif, akka daa'ima wallaalaat ta'aa. Garuu yaada keesanitti bilchaato ta'aa. <sup>21</sup>Seericha keessatti kanakkana jedhu barreffameera, "Namoota afaan haaraa qabanii fi arrabawwan keessummoataatiin ani namoota kanneenitti ittan dubbade Isaan yeroo sanatti illee ana hin dhaga'ani," <sup>22</sup> Yoos egaa, afaanonni haaraan mallattoo dha, amantootaaf otuu hin ta'in, warra hin amanneef. But prophecy is for a sign, not for unbelievers, but for believers. <sup>23</sup>Kanaafuu, yoo waldaan marti walitti qabamee martinuu afaan haaraadhaan dubbate, warri hin amaninii fi namoonni alaa yoo dhufan, isaan jarri kun qalbiin isaanii darbeera isiniin hin jedhanii ree? <sup>24</sup> Garuu yoo otuu isin raajii dubbachaa jirtanii namni hin amanii yookaan namni alaa dhufe, inni waan dhaga'e hundumaan ni jijjiirama. Waan jedhame sanaanis isatti ni faradama. <sup>25</sup> Iccitiwwan yaada garaa isaatiis ni mul'ifamu. Haaluma kanaan, inni adda isaatiin lafatti kufee Waaqayyoof ni sagada. Inni akka Waaqayyo isin gidduu jiru ni beeksisa. <sup>26</sup> Egaa kanatti aansee maaltu dhufa, yaa obboloota ko? Isin yommuu walitti dhuftan, tokkoon tokkoon namma farfanna, barsiisa, mul'ata, afaan haaraa, yookaan hiika isaa qabaata. Waan gootan hundumaa akka inni waldaan Kiristiyanaa ijaaruuf godhaa. <sup>27</sup>Namni tokko yoo afaan haaraadhaan dubbate, namni lama qofti, yoo baay'ate immoo sadii, haa jiraatu, warri dubbatu immoo dabareedhaan haa godhan, waan jedhame sana immoo namni hiiku jiraachuu qaba. <sup>28</sup>Garuu namni hiiku yoo hin jiraanne, tokkoon tokkoon isaanii waldaa keessatti haa cal'isan. Tokkoon tokkoon isaanii ofii isaanittii fi Waaqayyo qofaatti haa dubbatan. <sup>29</sup>Raajonni lama yookaan sadii haa dubbatan, warri kaan immoo wan jedhamu sana hubannaadhaan haa dhaggeeffatan. <sup>30</sup>Garuu nama taa'ee jiru tokkotti mul'anni yoo itti argame, inni duraan dubbataa ture haa cal'isu. <sup>31</sup>Tokkoon tokkoon keessan dabaree dabareedhaan raajii dubbadeha akka namni tokko irraa baratuttii fi martinuu immoo akka ittiin qullaa'anitti. <sup>32</sup>Hafuuroni raajotaa kanuma raajotatii. <sup>33</sup>Waaqayyo Waaqa jeequmsaa mitii, Waaqa nagaa ti malee. Kuni seericha waldoota Kiristiyanaa saboota qulqulluu Waaqayyoo ti. <sup>34</sup> Waldaa Kiristiyanaa keessatti dubartoonni haa cal'isan. Dubbachuu isaanifiin eyyamamaneetii. Ijaa kanaa, isaan abboomamoo haa ta'an,akkuma seerichi abboomutti. <sup>35</sup>Wanti isaan barachuu barbaadan yoo jiraate, isaan manatti abbaa warraa isaanii haa gaafatan. Waldaa keessatti dubartiin dubbachuu yeeloo daatii. <sup>36</sup> Dubbiin Waaqayyo isin biraad dhufee> Kan inni itti dubbatame isin qofaa dhaa? <sup>37</sup> Namni tokko nama hafuuraa yookaan

raajii yoo of se'e, inni wanti ani isiniif barreessu kun Goofticha biraan ta'uu isaa haa mirkaneessu.<sup>38</sup> Garuu namni kam iyyuu yoo isa kana hin mirkaneessin, innis fudhatama hin argatin.<sup>39</sup> Yoos egaa, obboloota ko, raajii dubbachuudhaaf jabeessatti hawwaa, nama isa kamiinis akka inni afaan haaraa hin dubbanne hin dhowwinaa.<sup>40</sup> Garuu wanti martinuu sirnaa fi tooraan haa godhamu.

## Chapter 15

<sup>1</sup> Amma akka inni isin beektan nan barbaada, yaa obboloota ko, wangeelli inni ani isinitti lallabe, inni isin fudhantanii fi irra dhaabbatan, <sup>2</sup>inni isin ittiin fayyitanis, dubbii isa ani isinitti lallabetti jabaattanii yoo qabamtan, yoos isin akkasumaan hin amanne.<sup>3</sup> Ani kanan isinitti dabarse akka barbaachisummaa duraatti anis waanan fudhadhe,akkuma caaffanni qulqullaa'aan jedhutti Kiristoos cubbuu keenyaaf du'e, <sup>4</sup>akka inni awwaalamee fi akka inni guyyaa sadaffaatti du'aa kaafame, akkuma caaffanni qulqullaa'aan jedhutti.<sup>5</sup> Kiristoos Keefaatti mul'ate, achii immoo warra kudha lamaanitti; <sup>6</sup>achiis si'a tokkichatti obboloota dhibba shanii ol ta'anitti mul'ate. Irra guddaan isaanii amma illee jiru, kaan isaanii garuu boqotaniiru. <sup>7</sup>Achii immoo Yaaqobitti mul'ate, achiis ergamoota maratti.<sup>8</sup> Hundumaa boodas, ana isa akka otuu yeroon isaa hin ga'in dhalateetti mul'ate. <sup>9</sup>Ani ergamoota keessa isa gadi aanaadhaatii. Ani ergamaa jedhamee waamamuun anaaf hin ta'u, sababiin isaas ani waldaa Kiristiyanaa Waaqayyoo ari'ataan tureetii.<sup>10</sup> Garuu ayyaana Waaqayyootiin ani waanan amma irra jiru ta'eera, ayyaanni isaa inni ana keessa jirus akkasumaan hin taane. Ijaa kanaa, ani hunduma isaanii caalaan dadhabee hojjedhe. Ammas garuu kan kana godhe ana miti, ayyaana Waaqayyoo isa ana waliin jiruu dha malee.<sup>11</sup>Kanaafuu anas ta'e isaan, yoo nuyi lallabne isinis amantan.<sup>12</sup> Amma Kiristoos du'aa akka ka'e yoo labsame, isin keessa tokko tokko akkamitti warri du'an hin ka'an jedhu ree?<sup>13</sup> Garuu yoo warri du'an du'aa hin ka'an ta'eef, egaa Kiristoos iyyuu du'aa hin kaane kaa; <sup>14</sup>akkumas Kiristoos du'aa hin kaane yoo ta'e immoo, lallabni keenya akkasumaani kaa, amantiin keessanis akkasumaani.<sup>15</sup> Akkasumas, nuyi waa'ee Waaqayyootiif dhuga-baatota sobduu taaneerra, sababiin isaa nuyi akka Waaqayyo Kiristoosiin du'aa kaase mirkaneessineerra. Garuu inni du'aa isa hin kaafne, yoo dhugaatti warri du'an du'aa hin ka'an ta'eef.<sup>16</sup>Sababiin isaa yoo warri du'an du'aa hin ka'an ta'e, Kiristoos iyyuu du'aa hin kaane jechuu dha; <sup>17</sup> Kiristoos du'aa hin kaane yoo ta'e immoo, amantiin keessan akkasumaani, cubbuun keessanis amma iyyuu isin waliin jira jechuu dha.<sup>18</sup> Yoos egaa warri Kiristoosittti otuu jiranii boqotanis badaniiru jechuu dha.<sup>19</sup>Yoo nuyi jirenya isa as jiru kana qofaadhaaf Kiristoosiin abdanna ta'e, nama hundumaa caala nuyiif boo'amuu mala.<sup>20</sup> Garuu amma Kiristoos warra boqonnaa keessa jiranif ija isa jalqabaa ta'e du'aa kaafameera.<sup>21</sup> Akkuma duuti nama tokkoon dufe, du'aa ka'uunis nama tokkoon dhufetii.<sup>22</sup> Akkuma namni marti Addaamiin du'u, Kiristoosiin immoo ni jiraataati.<sup>23</sup>Garuu martinuu toora mataa isaatiitti: Kiristoos, inni ija isa jalqabaa ta'e, warri kan Kiristoos ta'anis dhufatii isaatti ni jiraachifamu.<sup>24</sup> Achiis dhunni ni ta'a, yommuu inni mootummicha Waaqayyo Abbaatti dabarsee kenuu, yommuu inni abboommii maraa fi aangoodhaa fi humna mara balleessutti.<sup>25</sup>Inni hanga diinota isaa miilla isaa jala galfatutti mo'uun isaaaf ni ta'aatii.<sup>26</sup>Diinni inni dhuma irratti mo'atamuun ta'uuf du'a dha.<sup>27</sup> Sababii inni "waan mara miilla isaa jala gal fateera ta'eef." Garuu yommuu inniakkana jedhu, "waan mara galchateera," isa waan mara of jala galcheef sana hin ilaallatu.<sup>28</sup>Wanneer marti yommuu isa jalatti abboomaman, Ilmi immoo isa waan mara isa jalatti akka abboomaman godhe sana jalatti ni abboomama, Waaqayyo sunis hundumaan hundumaa ni ta'a.<sup>29</sup> Yookaan immoo, warreen warra du'aniif cuuphaman maal ta'uuf jiru ree? Warreen du'an hin ka'an erga ta'ee, isaan maaliif warra du'aniif cuuphamaniiif ree?<sup>30</sup>Yoos nuyis maaliif sa'atii hundumaatti iyyuu balaa jala of galchina ree?<sup>31</sup> Ani guyyuma guyyaattan du'a! Kun akkuma isinitti of jajuu kootii dhugaa dha, isan Goofta keenya Yesuus Kiristoosittti qabaadhu.<sup>32</sup> Akka ilaalcha namaatti maalan buufachuudhaaf jira, yoon Efesonitti bineensotaan lole, warri du'an du'aa yoo hin kaane? "Kotaa ni nyaannaa ni dhugnaa, bor ni duunaatii."<sup>33</sup> Hin gowwominaa: "Hiriyaan gadheen hamilee namaa balleessaa."<sup>34</sup>Of qajeelchaa! Qajeelinatti jiraadhaa! Cubbamuu itti hin fufinaa. Isin keessa tokko tokko beekumsa Waaqayyoo hin qabdaniitii. Isa kana isin yeellasisuudhaafan dubbadha.<sup>35</sup> Garuu namni tokkoakkana jedha, "Akkamitti warri du'an ka'uu danda'u?"<sup>36</sup> Isin gowwoota nana! Wanti isin facaaftan tokko yoo hin du'in gara jirenyaatti dhufuu hin danda'u.<sup>37</sup> Wanti isin facaaftan qaama isa jiraachuudhaaf jiru miti, garuu sanyii midhaanii qofaa dha. Inni garbuu yookaan waan kan biroo ta'uun ni danda'a.<sup>38</sup>Garuu Waaqayyo akka fedha isaatiitti qaama itti godha, sanyii tokko tokkoofis qaama ofii isaatii.<sup>39</sup>Foonni martinuu tokko miti. Ijaa kanaa, ilmaan namaatiif qaama tokkotu jira, beeyiladaafis qaama kan biroo, simbirrootaaf kan biroo fi qurxummiidhaaf kan biroooo.<sup>40</sup> Qaamonni kan waaqaatii fi qaamonni kan lafa irraas ni jiru. Garuu ulfinni qaamota waqa irraa fi kanneen lafa irraa adda adda.<sup>41</sup>Biiftuudhaaf ulfina tokkotu jira, ji'aafis ulfina kan biroo, urjiwwaniifis ulfina kan biroo. Urjiin tokko ulfinni inni qabu kan biroo irraa addaatii.<sup>42</sup> Du'aa ka'uun warra du'aniis akkasuma. Wanti facaaftame waan baduu dha, wanti kaafamu garuu waan hin badnee dha.<sup>43</sup> Inni salphinaan facaaftame; ulfinaan garuu ni kaafama. Dadhabinaan ni facaaftame; humnaan garuu ni kaafama.<sup>44</sup>Inni qaama uumamaatiin ni facaaftame; qaama hafuuraatiinis ni kaafama. Qaamni uumamaa yoo jiraate, qaamni hafuuraas ni jiraata.<sup>45</sup> Kanaafuu akkanatti barreeffameera, "Namichi inni jalqabaa Addaam lubbuu jiraataa ta'e." Addaam inni dhuma garuu hafuura jirenya kennu ta'e.<sup>46</sup>Garuu inni hafuuraa dursee hin dhufne garuu isa uumamaatu dhufe, ergasii inni hafuuraa ni dhufe.<sup>47</sup> Namichi inni duraa kan lafaa ti, biyyoo irraa

tolfame. Namichi inni lammataa kan waaqa irraa ti.<sup>48</sup> Akkuma inni biyyoo irraa tolfame ta'e sana, warreen kaaan biyyoo irraa tolfamanis akkasuma ni ta'u, akkuma namicha isa waaqa irraa, warreen kan waaqa irraa ta'anis akkasuma ni ta'u.<sup>49</sup> Akkuma bifa namicha isa biyyoo irraa tolfamee qabaanne sana, bifa namicha isa waaqa irraa sanas ni qabaanna.<sup>50</sup> Amma kana isiniinan jedha, yaa obboloota ko, foonii fi dhiigni akka inni mootummaa Waaqayyoo hin dhaalle. Inni badus isa hin badne dhaaluu hin danda'u.<sup>51</sup> Ilaalaa! Ani iccitiin isinitti himaa: Nuyi martinuu hin rafnu, garuu nuyi martinuu ni jijiiramna.<sup>52</sup> Nuyi battalatti ni jijiiramna, hanga luphsuu ijaattii, yommuu fiinoon inni dhoomaa afuufamutti. Fiinoon sagalee kenna, warri du'anis kan badne ta'anii ni ka'u, ni jijiiramus.<sup>53</sup> Qaamni inni badu kun isa hin badne uffachuun waan irra jiruuf, qaamni ini du'u kun isa hin dune ni uffata.<sup>54</sup> Garuu qaamni inni badu kun isa hin badne yommuu uffatu, qaamni inni du'u kunis isa hin dune yommuu uffatu, inniakkana jedhamee barreeffame ni dhugooma, "Du'I mo'ichaan ni liqimfame."<sup>55</sup> "Yaa du'aa, mo'ichi kee essa jira? Yaa du'aa, bodeen kee essa jira?"<sup>56</sup> Bodeen du'aa cubbuu dha, aangoon du'aas seericha.<sup>57</sup> Garuu Waaqayyo isa karaa Yesuus Kiristoos mo'icha nuu kennuuf galanni haa ta'u!<sup>58</sup> Kanaafuu, jaallatamoo obboloota ko, akka hin sochoonetti jabaadhaatii dhaabbadhaa. Yeroo mara hojii Goofichaatti qabamaa, sababiin isaa wanti isin isaaf hojjettan gatii malee hin hafuutii.

## Chapter 16

<sup>1</sup> Amma waa'ee buusii qulqulluu saba Waaqayyootiif walitti qabamuu: akkuman waldoota Galaatiyaa jiran gorse ture sana isinis akkanuma gootu. <sup>2</sup> Guyyaa jalqaba torbaniitti, tokkoon tokkoon keessan waan qabdan irraa adda baaftanii kaa'udhaan akkuma qabeenya argataa adeemtanittis kuufachaa adeemtu. Yeroo ani dhufutti buusii walitti qabuun akka hin jiraannetti isin isa kana godhaa. <sup>3</sup> Yommuin isin bira ga'utti, namoota isin fo'attanitti, waraqaa beeksisa qabsiisee ani kennaa sana qabatanii gara Yeruusaalem akka adeeman nan godha. <sup>4</sup> Ani deemuun koo barbaachisaa yoo ta'es, isaan ana waliin ni deemu. <sup>5</sup> Garuu ani yeroon gara Maqedooniyaa deemutti isinitti nan gora. Ani gara Maqedooniyaa nan deemaatii. <sup>6</sup> Tarii isin bira nan turan ta'a, gannuma iyyuu isin biratti dabarsuu nan danda'a, bakkan adeemu maratti akka isin ana gargaartaniif. <sup>7</sup> Sababiin isaa ani otuun karaa darbuu qofa isinitti goruu hin fedhu. Isin waliin yeroo fudhadhee turuun barbaada, yoo Gooftaan jedheef. <sup>8</sup> Garuu hanga ayyaana Pheenxeqoosxeetti Efesooniin nan tura, <sup>9</sup> balballi bal'aan naaf banameeraatii, mormiiwwan hedduunis jiru. <sup>10</sup> Amma yommuu Ximootewos dhufutti, akka inni soda malee isin waliin jiraatu godhaa, inni hojii Gooftichaatti dadhabaa jiraatii, akkuma koo. <sup>11</sup> Eenyu illee akka isin hin tuffanne. Karaa isaa irratti nageenyatti isin gargaaraa, akka inni gara koo dhufutti. Ani akka inni obboloota waliin gara koo dhufuuf isin eegaan jiraatii. <sup>12</sup> Amma waa'ee obboleessa keenya Apholoos, akka inni obboloota waliin dhufee isin ilaaluuf ani isin gorseera. Garuu inni ama dhufuudhaaf fedha hin godhanne. Haa t'au malee, yeroo haalli mijatuufitti ni dhufa. <sup>13</sup> Of eeggadhaa, amantii keessanitti jabaadhaa, akka namaa ta'aa, jabaadhaa. <sup>14</sup> Wanti isin gootan martinuu jaalalaan haa ta'u. <sup>15</sup> Isin maatii Isxifaanos ni beektu, akka isaan bu'aa isin duraa kan Akaayaa ta'an, akka isaan tajaajila saba qulqulla'aa Waaqayyootiif of kennanis. Ani amma isinan gorsa, yaa obboloota ko, <sup>16</sup> akka isin namoota akkasiitii fi warreen hojicha irratti gargaarsa godhanii fi nu waliinis dadhabaniif akka of kennitan. <sup>17</sup> Ani dhufaatii Isxifaanos, Fortunaatosii fi ka Akaayaatti nan gammada. Isaan iddo warra hin dhufin haftanii bu'aniiruutii. <sup>18</sup> Waan isaan hafuura kan kootii fi kan keessanis haareessaniif. Kanaafuu egaa, namoota akka isaanii kana galateeffadhaa. <sup>19</sup> Waldoonni Kiristiyaanaa Asiyaa keessa jiran nagaa isiniif erganiiru. Aqiilaadhaa fi Phirisqillaanis maqaa Gooftaatiin nagaa isiniif dhi'eessu, waldaa Kiristiyaanaa ishee isaan bira jirtu waliin ta'anii. <sup>20</sup> Obboloonni marti nagaa isin gaafatu. Isinis qulqullinaan wal dhungadhaatii nagaa wal gaafadhaa. <sup>21</sup> Ani, Phawuloos, kana harka kootinan barreessa. <sup>22</sup> Namni tokko Goofticha yoo hin jaallatin, inni abaaramaa haa ta'u. Gooftaa keenyaa, Kottu! <sup>23</sup> Ayyaanni Gooftaa Yesuus isin waliin haa ta'u. <sup>24</sup> Jaalalli koos hunduma keessan waliin haa ta'u, Kiristoos Yesuusitti.

## 2 Corinthians

## Chapter 1

<sup>1</sup> Eyyama Waaqayyootiin isin ergamaa Iyyasuus Kiristoos ta'e Phawuloosiifi, obboleessa keenya Ximootiwoos irraa, gara waldaa Waaqayyoo ishii Qorontos keessaa fi akkasumas qulquloota Waaqayyoo kutaa guutuu Akaayaa keessa jiraatan hundaaf. <sup>2</sup> Ayyaanni isiniif haa ta'u akkasumas Abbaa keenya Waaqayyoo fi Gooftaa Iyyasuus Kiristoos biraa nagaanis. <sup>3</sup> Waaqniifi Abbaan Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos haa eebbfamu. Inni Abbaa aaraaraafi Waaqa jajjabeenya hundaa dha. <sup>4</sup> Waaqayyoo dhiphina keenya hunda keessatti keessa jiran kamiyuu jajjabeessuu ni dandeenya. Akkuma waaqayyoo nu jajjabeesse sanatti nutis akkasumatti isaan biroo ni jajjabeessina. <sup>5</sup> Akkuma dhiphinni Kiristoos bu'aa keenyaaf nuu baay'ate, akkasuma immoo jajjabeenyis karaa Kiristoosiin nuu baay'ata. <sup>6</sup> Gaaruu yoo nuti dhiphanne, jajjabeenya fi fayyina keessanifi dha; yoo nuti jajjabaanne immoo innis jajjabeenya keessanifi dha. Akkuma nutti dhiphantti isinis immoo akkasumatti dhiphantu kanaafuu jajjabeenyi keessan obsa keessan keessatti bu'a qabeessa ta'ee hojjata. <sup>7</sup> Abdiin nuti isiniif qabnu kan hin sochoonee dha, akkuma isin keenyamoo qooddatan ni beekna. <sup>8</sup> Yaa obboloota, nut akka isin waa'ee dhiphina kutaa Isiyaa keessatti nurra gayee akka otoo hin beekne haftan hin barbaadnu. Lubbuudhaan jiraachuufu hanga abdii keennuutti dhiphinni ulfaataan humna keenyaa ol ta'e nurra gahee ture. <sup>9</sup> Dhugaadhumaa, nuti akka murtiin du'aa narratti murteeffameettinutti dhagahama ture. Sunis kan ta'e garuu akka amantiin keenya Waaqayyoo isin du'aa kaasuu qofa irrattimalee akka ofirratti hin taaneefii ture. <sup>10</sup> Inni balaa du'a akkanaa jalaa nu baaseera.akkasuma nu baasas. Akka nu oolchuufis abdii keenya isin godhanneerra. <sup>11</sup> Akkuma isin kadhanna keessanii nu gargaartan innis immoo kana ni godha. Karaa kadhata namoota baay'eetiin fudhatama waan nuu kennannif akkasuma namootni baay'een nu bakka bu'anii galata kennu. <sup>12</sup> Egaa

of jajaluun keenya kanaadha. Qulqullummaafi garraamummaan keenya inni Waaqa biraan arganne biyya lafaa keessatti fi isin jidduutis akka jiraannuu qarooma foonii otoo hin ta'iin ayyaana Waaqayyoottiin akka ta'e sammuun keenya dhugaa nuuf baha.<sup>13</sup> Nuti waan isin dubbiffachuu fi hubachuu hin dandeenye himaa isinii hin barreessine, akka isin guutummaan hubatan abdiin qaba.<sup>14</sup> Akkuma isan gar-tokkeen nu hubattan, akkumanuti isinitti boonnu isinis akkasuma gaaf guyyaa Gooftaa keenya Iyyasuu nutti boonuu ni dandeessu.<sup>15</sup> Kanaafuu anis waa'ee kanaaf waaniin itti amaneef akka isin bu'aa dachaa qabaataniif jedheen gara keessan dhufuu barbaade.<sup>16</sup> Ani yammuun gara mafeedooniyaa deemuu achumaan isinitti goree isin arguuf karoorfadhe. Akkasumas yammuun mafeedooniyaadhaa deebi'u ammas isin argee, achiin yammuun gara yahuudaatti darbu akka na gargaartan barbaadeen ture.<sup>17</sup> Yammuun ani haala kanaan kana karoorsu, otoon itti hin yaadiin ture? Yaadota fooniin karoorsee; yeroodhuma tokkoonin ani. "Eeyyee, eeyyee, fi Lakki, lakkii" jedhee?<sup>18</sup> Akkuma Waaqayyo amanamaa ta'e dubbiin nut isinitti himnu garuu "Eeyyee" fi "Lakki" dhaa miti.<sup>19</sup> Sababnis Iyyasuuus Kirstoos Ilmi Waaqayyo inni anis ta'e Silaas fi Xiimootiwoos isin jidduutti lallabne "Eeyyee" fi "Lakki" dhaamiti inni yeroo hunda "Eeyyee" dha malee.<sup>20</sup> Abdiwwan waaqayyo hundi karaa isatiin "Eeyyee" dha. Kanaafuu immoo nutis ulfina Waaqayyootiif karaa isaa "Ameen" jenna.<sup>21</sup> Ammas egaa nu isin waliin kiristoositti jabbannee dhaabannuuf kan godheefi kan nu muude inni Waaqayyoodha.<sup>22</sup> Innis wabii waan gara fulduraatti dhufuuf chaappaa isaattin nu chaappessun Hafuuras onnee keenya keessatti nuuf kenne<sup>23</sup> Ani garuu sababnin gara Qorontoos deebi'ee hindufneef akkan isin hin gaddisiifneef ta'u lubbuu kootiif Waaqayyoon akka dhugaa baatuutti waama.<sup>24</sup> Kunis nuti gammachuu keessaniif akka isin amantii keessaniin jabaattanii dhaabataniif isin waliin hojanna malee isin irratti goftaa ta'uu dhaa miti.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Kanaafuu anii karaa kootiin isin gaddisiisuuf akkan lammata deebi'ee hin dhufnee murteesseera. <sup>2</sup>Ani yoon isin gaddisisee illee, eenyutuu na gammachiisu danda'a isin warraan ani baay'ee gaddisiisa malee? <sup>3</sup>Akkanatti barreessuun koo yammuun gara keessan dhufee ture namootni na gammachiisu qaban akka na gaddisiifnee jedheenii Akka gammachuun koo gammachuu hunda keessanii ta'uu ani hunda keessan nan amana. <sup>4</sup>Ani akkanatti yammuun isinii barreessuu ture gadda guddaa, dhiphina onnee fi imimmaan baay'ee waliin. Akka isin dhiphataniif mitti ani kaniin isiniif barreessa Gad faggeenya jaalalan ani isinif qabu akka beektan barbaadeeni malee. <sup>5</sup>Namni kamiyyuu sababa gaddaa yoo ta'e, otoon dubbii hin guddisiin kan gaddisiise ana qofa otoo hin ta'iin isinittis ba'aa qofa otoo hin ta'iin hunda keessan gaddisiiseera. <sup>6</sup>Addabbiin kan kan harka irra jireessaan nama sana irratti fudhataa gahaadh. <sup>7</sup>Kanaafuu ega amma isa adabuu irra, isin dhiifama isa godhaatii jajjabeessaa. Kana godhaa, yoos inis gadda guddaa kanaan abdii hin kutuu. <sup>8</sup>Kanaafuu ani akka isin jaalala isaaf qabdani mirkaneesitaniifiin isin gorsa. <sup>9</sup>Kanaafuu ani akka isin waan hundaan ajajamoo taatan beekuufan isin qoruuf jedheen kana barreesse. <sup>10</sup>Nama isin dhiifama gootaniif hundaaf anis dhiifama na godhaaf. Waantiin ani dhifama eenyumaafuu godha jiraate bu'aa keessaniif jedheen fuldura Kiristoos duratti dhifama godheef. <sup>11</sup>Kunis akka seexanni nu mooksineefi dh nu mala isaa ni beekna. <sup>12</sup>Yammuun gara magaalaa Xiroo'aadaa wangeela kiristoos lallabuuf dhufu Gooftaan balbala naaf bannee ture. <sup>13</sup>Haa ta'u malee waaniin obboleessa koo Tiitoo achitti hin argineef hafuurri koo boqonnaa hin arganne. Kanaafuu isaan achitti dhiiseen gara maqaa dooniyaad deeme. <sup>14</sup>Waaqa isa yeroo hunda injifannoo isatiin karaa Kiristoosiin nu geggeessuu fi galanni haa ta'u. Innis urgaa isa mi'aayaa beekkumsa isaa bakka hundatti karaa keenyaan muldhise. <sup>15</sup>Sababa nuti warra fayyanii fi warra badaa jiran jidduutti urgaa mi'aayaa kiristoos kan Waaqayyootii dha. <sup>16</sup>Namoota isaan badaa jiraniif, urgaa du'aa kan gara du'aatti geessuu dha. Isaan fayyaniiif immoo, urgaa fayyinaa kan gara fayyinaati dha. <sup>17</sup>Egaa wantoota kanaaf kan gahumsa qabu eenyuudh? Ega nuti akka waaqayyoo biraa ergamnetti, fuldura Waaqayyooti onnee qulqulluudhaan kiristoosiin taanee dubbanna malee akkuma namoota hedduutti bu'aadhaaf jennee dubbii Waaqayyoo nuti hin maknu.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Nu ega deebinee ofjaju jalqabnaaree? Akkuma namoota biroo, xalayaan deeggarsaa isiniif yookin isin biraan hin barbaadnu, barbadnaaree? <sup>2</sup>Xalayaan deeggarsa keenyaan kan nama hundan beekamuufi dubbiffamu, kan onnee keenya irratti barreeffame isin ofuma keessaniidha. <sup>3</sup>Isin kan muldhiftan xalayaan kiristoos irra isa bu'aa tajaajila keenyaan dha. Innis kan barreeffame otoo halluu hin taanee garuu Hafuura Waaqa jiraataan ture. Innis kan barreeffame gabatee dhagaa irratti, otoo hi ta'uun, gabatee onnee nammaa irratti ture. <sup>4</sup>Amantiin nuti karaa kiristoosiin fuldura Waaqayyootti qabnus kanaadha. <sup>5</sup>Nuti ga'uumsa nurraayyi jennee dubbaan waan tokkollee ofuma keenyaan hin qabnu. Ga'uumsa keenya waaqayyo irraayyi malee. <sup>6</sup>Inni akka nut tajaajiltoota kaku haaraa taanuuf dandeetii nu kenne Waaqayyo dha. Kakuun inni kan xalayaan dha moti kan Hafuuraati malee. Xalayaan ni ajjeessa, Hafuurri immoo jirenya kenna. <sup>7</sup>Amma tajaajila du'aaf dhagaa irratti seerri bocame sun ulfina isa ilmaan Israa'eel kallattiu dhaan fuula musee ilaaluu hindandeenye fideedha. Kunis sababa ulfina fuula museeti, ulfina isa darbu. <sup>8</sup>Egaa tajaajillu Hafuuraa immoo hagam caala ulfina haa qabaaturee? <sup>9</sup>Tajaajilli addabbi yoo ulfina qabaate, tajaajilli qulqullinaa immoo hagam ulfinaan caalmaa haa qabaaturee? <sup>10</sup>Waanni kanaan dura yeroo tokkotti ulfina qabu ture, sababa ulfina caaluu isa itti fufu biraatiin amma ulfina hin qabu. <sup>11</sup>Egaa inni darbu sun ulfina yoo qabate, ulfina inni dhaabatee jiraatuu immoo hagam ulfina caalmaa hin qabaatuu! <sup>12</sup>Egaa nuti abdi akkanaa waan qabnuuf, ija jabeenya guddaa qabna. <sup>13</sup>Nuti akka Musee isa ilmaan Israa'eel yammuu fuulli isaa calaqisu haga ulfinnisun dhumee darbutti waan kallattiit arguu hin dandeenyef fuula ofii carqii dhaan haguugu sanaa dha miti. <sup>14</sup>Haata'u malee garuu sammuin isaanii jabaa ture. Sababnis amma hardhaatti haguugiin sun waan irraatti hafeef. Innis kan ka'u kiristoos qofaan waan ta'ee fi dha. <sup>15</sup>Hardhuma illee yammuu museen dubbifamu hunda haguuggiin sun onnee isaan haguugeera. <sup>16</sup>Garuu namni tokko yommuu gara Gooftaati garagalu, haguuggichi ni fuudhama. <sup>17</sup>Gooftaan Hafuura dha. Bakka Hafuurri Gooftaa jiruu, biliisummaan ni jira. <sup>18</sup>Amma nuti hundi keenya, fuula hin haguuggifamneen, ulfina Gooftaa illaalla. Nuti akkum Gooftaa, isa Hafuuraa dhaa fakkaachuuf akkasumatti ulfina sadarkaa tokko irraa isa biraatti jijiiramna.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Kanaafuu, nuti akkuma araara arganneen waan tajaajilluuf, abdii hin kunnu. <sup>2</sup>Haa ta'u malee, nuti karaawwan dhoksa fi nama qaanessan (saalfachiisan) dhifneerra. Nuti karaa nama gowwoomsuu keessa hin deemnu, dubbi Waaqayyoos hin haqanqaallu, garuu dhugaa ifatti dubbachuun Waaqayyoo fulduratti qalbii nama hundumaa keessatti of dhiyyeessina.<sup>3</sup>Garuu yoo wangeelli keenya aguggiffamellee, kan aguggifame isaan warra badaa jiran qoffatti dha. <sup>4</sup>Karaa isaaniitiin, waaqni addunyaa kanaa qalbii hin ammanne isaanii jaamse. Kanaafuu, isaan ifa wangeelaa kan ta'e ulfina kiristoos, inni isa fakkenya Waaqayyodhaa arguu hin danda'an.<sup>5</sup>Nut kan lallabni kiristoos Iyyasuus Gooftaa ta'uu malee ofii keenyaadhaa miti, nut mataan keenya kiristoosii jennee tajaajiltoota keessanii dha. <sup>6</sup>Waaqayyoo inni "Dukkana keessaa ifti haa ifu" jedhe sun, fuula Kiristoos duratti ifa beekumsaa isa ulfina Waaqayyoo nuu kennuuf garaa (onnee) keessatti ibseera.<sup>7</sup>Haa ta'u malee humni baay'ee guddaa kun Waaqayyoo irraa malee akka nurraa hin taane agarsiisuuf qabeenya kana xuwwee suphee keessaa qabna. <sup>8</sup>Nuti kallattii hundaanuu ni dhiibamina malee hin cacabnu, nuti bitaa nuti gala malee abdii hin kutnu. <sup>9</sup>Nuti ni hariyatamna malee hin gatamnu, ni kufna malee hin badnu. <sup>10</sup>Akka jireenyi Iyyasuus qaama keenyatti baanee deemna. <sup>11</sup>Nuti warrii amma lubbuun jirru akka jireenyi Iyyasuus foon keenya isa du'u kana irratti muldhatuuf yeroo hunda. Iyyusuusif jennee, du'atti dabarfamnee kennamna. <sup>12</sup>Kanaafuu egaa, duuti nu keessatti kan hojjatuu dha, garuu jireenyi immoo isin keessatti kan hojjatuu dha.<sup>13</sup>Akkuma "Ani amaneera, kanaafuu dubbadeera" jedhamee barreffame, nutis akkasuma hafuura amantii ni qabna. Kanaafuu, nutis ni amanna akkasuma ni dubbannas. <sup>14</sup>Sababni akka isa Gooftaa Iyyasuus du'a keessaa nu kaasee isin walin fula isaa duratti nu dhiyeessu ni beekna. <sup>15</sup>Waanti hundinuu bu'aa keessaniif ta'ee, ayyaanni namoota baay'ee bira gaha jiru sun akka sababa galatni ulfina Waaqayyootiif dabalamuuf jedhameeti.<sup>16</sup>Kanaafuu nuti abdii hin kutnu. Yoo eenyumaan keenya inni alaa badullee, eenyumaan keenya inni keessaa guyyaa guyyaadhaan haaroomfamaa deema. <sup>17</sup>Dhiphinni keenya inni yeroo fi salphaa kun akka gara ulfina barabaraa isa dorgammii hin qabneetti nu fida. <sup>18</sup>Kanaafuu nut kan eegachaa jirru wantoota muldhatanii otoo hin ta'iin, wantoota isaan hin muldhannee dha male. Waantootni muldhachuu danda'an kan yerootiidha, waantootni isaan hin muldhanne garuu kan bara baraati dha.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Nuti manni keenya -inni dafkaana lafaa irraa kan nuti keessa jiraannu kun diigamu illee, kan Waaqaan ijaarame ni qabna. Inni mana isa harka namaatiin ijaarameedhaa miti, garu mana barabaraa samii dhaa qabna.

<sup>2</sup>Mana keenya isa samii sana uffachuu hawwaa isa dafkaanaa kana keessatti ni aadna. <sup>3</sup>Sababa yoo nuti isa uffanne qulla taanee hin argamneef nut kanaafuu ni hawwina. <sup>4</sup>Nuti warri dafkaana kana keessa jiraannu, waan ba'an nutti ulfaateef ni aadna. Nut qulla ta'uun hin barbaadnu. Uffaachuu barbaadna malee, kanaafuu inni du'u isa jiraatuun liqimfama. <sup>5</sup>Kan waan kanaa nu qopheesse inni Waaqayyoodha, inni waan dhufuufbHafuura akka wabiitti nu kenneera. <sup>6</sup>Kanaafuu yeroo hunda amantiidhaan jiraanna, amma foon kana keessa jiraanuutti, akka Gooftaa irraa fagaannee jiraannu ni beekna. <sup>7</sup>Nuti amantiidhaan adeemna malee ijaan ilaalaatii miti.

<sup>8</sup>Kanaafuu, nuti amantii qabna, Nuti foon irraa gargar baanee akka Gooftaa waliinbjiraanu ni filanna. <sup>9</sup>Kanaafuu, nuti fooniin jiraanuus isa irraa gargar baanee jiraanuus kaayyoon keenya Isa gammachiisuudha. <sup>10</sup>Nut hundi keenya teessoo barcuma murtii kiristoos fulduratti ni dhiyanna, tokko tokkoon namaas yeroo fooniin jiraachaa ture hojii hojjateef waan gaarii yoo hojjate yookiin waan badaa yoo hojjate gatii hojii isaa ni argata. <sup>11</sup>Kanaafuu nut Gooftaa sodaachuun maal akka ta'ee waan beeknuuf akka namootni amanan gonna. Nut eenyu akka taanee fuldura Waaqayyootti ifaadha, kunis immoo qalbii keessaniif akka ifa ta'eess nan abdadha. <sup>12</sup>Nuti akka isin nuun boontaniifi malee deebifree of galateeffachuu miti, kunis akka isiin waa'ee waan onnee keessan keessa jiru otoo hin ta'iin, garuu waan qaamaan muldhatush jajuu keessaniif deebii kennitaniifi. <sup>13</sup>Nuti yoo qalbiidhaan ala taane Waaqayyoofiidiha, garuu immoo qalbii siriidhaan yoo taane bu'aa keessanifidha. <sup>14</sup>Kanaafuu jaalalli kiristoos nu dirqisiisa, sababni isaas, akka namni tokko hundaaf akka du'eefi kanaafuu hunduus akka du'an nuti waan irra geenyefi. <sup>15</sup>Inni hundaaf du'eera, kanaafuu warreen lubbuun jiraanis isa isaaniif jedhee du'eefi du'aa ka'eef malee ofii isaaniitif hin jiraatan. <sup>16</sup>Sababa kanaan, amma irraa kaasee nama tokkollee haala foonitiin hin madaallu, nuti kanaan dura yeroo tokko Kiristoosiyuu haala foonitiin madaalle ture. Garuu kanaan booda haala kanaan hin goonu. <sup>17</sup>Kanaafuu, namni kamiyuu yoo Kiristoosiin ta'e, inni uumama haarraadha. Waantootni moofaan darbeera, kunoo isaan haaraan dhufaaniiru. <sup>18</sup>Waantootni kanneen hundi Waaqayyoo biraayyi, Innis karaa Kiristoosin ofitti nu araarsee tajaajila araaraa nuufis kenne. <sup>19</sup>Innis Waaqayyoo cubbuu namootaa isaan irratti lakkawu dhiisee karaa Kiristoosiin adduunyaa ofitti araarsaa ture. Innis ergaa araaraa sana nuu kenneera. <sup>20</sup>Kanaafuu nutis bakka bu'oota Kiristoos, Waaqayyoos karaa keenyaan waamicha isa dhiyeessa. Nutis "Waaqayyoo waliin araaramaa" jenneetti Kiristoosiin isin kaadhanna. <sup>21</sup>Akka nuti karaa isaatiin qajeeliina Isaa taanuuf, Waaqayyoo nuuf jedhee isa cubbuu hin qabnee sana cubbuu godhe

## Chapter 6

<sup>1</sup>Waaqayyoo waliin waan hojjantuuf, egaa nuti akka isin ayyaana Waaqayyoo akka waan gatii hin qabneetti hin fudhanne imaanaa isiniin jenna. <sup>2</sup>Akka inniakkana jedhetti. Kunoo yeroonichis ammaadha. <sup>3</sup>Akka tajaajilli keenya fudhatama hin dhabneef, eenyumattuu gufuu ta'uun hin barbaadnu. <sup>4</sup>Haa ta'u malee, karaa hundaan nuti ofii keenya akka tajaajiltoota Waqaqayyootti of-dhiyeessina, obsa guddaadhaan, rakkinaan, gidiraan, dhiphinaan, <sup>5</sup>reebamuu, hidhamuu, jeqamuun, baay'ina hojjiitiin, hirriba dhabuun, beelaan, <sup>6</sup>qulqullinaan, hubannaan, obsaan, arjummaan, Hafuura qulqullun, jaalala dhugaatiin, <sup>7</sup>dubbii dhugaatiin humna Waaqayyootiin. Nuti meeshaa waraanaa isa qajeelumaa harka mirgaa fi bitaatti qabachuun. <sup>8</sup>Ulfinaa fi salphinaan, habaaramuu (arrabsamuu) fi galateeffamuun, akkasumas otoo dhugaa qabnuu sobdoota jedhamneera. <sup>9</sup>Nuti otoo beekamoo taanuu akka namoota hin beekamneetti lakkaawamneera, kunoo otoo jiraataa tanee jiruu akka waan duneetti lakkaawamneera, hojji keenyaaf tumamnuus (reebamnuus) kunoo hin ajjeefamnu. <sup>10</sup>Nuti akka gadditootaatti lakkaawamnuus garuu yeroo hunda gamadoota, iyeyeyyi taanuuus, namoota baay'ee sooreessina, akka waan homaa hin qabnee taanuuus, garuu hunduu keenya. "Yeroo sirrii ta'etti si dhagayeera, guyyaa fayyinaatis si gargaareera"<sup>11</sup>Yaa warra Qorontoos, nuti waan dhugaa ta'e hundaa ifatti isinitti himneera, onnee keenyas isiniif bannerraa. <sup>12</sup>Isintuu onnee keessan nu dhokfatee malee, nuti garuu isin hindhokfanne. <sup>13</sup>Egaa amma akka ilmaan kootiittin isinitti dubbadha, akkuma nuti isiniif banneetti isinis akkasumatti ofi nuuf banaa. <sup>14</sup>Namoota warra hin amannee waliin karaa hintaaneen waliin hin camadamiinaa. Qajeelaan yakka waliin waliquunnamtii maalii qaba? Ifitiis dukkana waliin tokkumaa maalii qaba? <sup>15</sup>Kiristoosis Bi'eel waliin waliigaltee maalii qaba? Yookin kan amannee isa hin ammanneen waanti waliin qoodatan maaliidha. <sup>16</sup>Manni qulqullummaa Waaqayyoo waaqota tolfamoota waliin walii galtee maal qabu? Nut mee mana qulqullummaa waaqa jiraati, akkuma Waaqayyoo akka jedhetti "Ani isaan walakaan nan jiraadha, isaan jidduun nan deeddeebi'a. Ani Waaqa isaanii nan ta'a, isaanis saba koo ni ta'u."<sup>17</sup>Kanaafuu "Isaan jidduudhaa koottaa baha isaan irraayyis fo'amaa" jedha Gooftaan Wantoota xuraawaa hin xuqiinaa Anis isinin simadhaa. <sup>18</sup>Ani Abbaan isiniif ta'a isinis ilmaan dhiiraa fi durbaa naaf taatu"

## Chapter 7

<sup>1</sup>Yaa jaalatamtoota, egaa nuti erga abdii akkana qabaanee, Waaqayyoo sodaachaa qulqullumaa keenya guutuu haa taasifnu, waan foonif hafuura xureessu hunda irraa of haa qulqulleessinu.<sup>2</sup>Bakka nuuf kenna! Nuti nama tokkollee hin miidhne, nuti nama tokkollee hin yakkine yookin nama tokkollee hin mooksine. <sup>3</sup>Kana jechuun koo isin onnee keenya keessaadha kan jiratan nuuf duunus jiraannuus waliini. <sup>4</sup>Ani amantii guddaan isin irratti qaba, waa'ee keessaniin baay'een boona, ani jajjabeenyaan guutameera. Ani takkina keenya hunda keessatti gammachuu daangaa hin qabneen guutameera.<sup>5</sup>Yammuu gara Maqeedooniyaa dhufnu qamni keenya boqonnaa hin arganne ture. Karaa hundaan dhiphina, karaa alaatiin mormii fi karaa keessa immoo sodaacha turre malee. <sup>6</sup>Garuu Waaqayyo inni warra gaddan jajjabeessu dhufaatii Tiitootiin nu jajjabeesse. <sup>7</sup>Waaqayyo kan nu jajjabeesse dhufaatii isaatiif qofa miti. Jajjabeenya Tiitoo isin bira fudhateefis malee. Innis akka isin baay'ee na yaadda, gadda keessan fi inaafaa naaf qabdan nutti himeera. Kanaafuu ani isa durii caala gammadeera.<sup>8</sup>Xalayaan koo akka gadditan isin godhuullee, ani itti hin gaabbu. Garuu xalayaan koo yeroo gabaabaadhaaf isiin gaddisiisuu yammuun arguu gaddeera. <sup>9</sup>Ani amma gammadeera, sababa isin gadditanifiif otoo hin ta'iin, sababa gaddi keessan gara qalbii jijiirachuutti isin fideefi male. Isin kan shaakalaa jirtan gadda akka fidhii Waaqayyootiin waan ta'eef. Kanaafuu isin sababa keenyaan homaa hin dhabne. <sup>10</sup>Gaddii akka eyyama Waaqayyootiin ta'u qalbii jijiirrannee akka gara fayyinaatti fidu malee gaabbi hin qabu. Gaddii inni addunyaa irraa dhufu garu du'a fida.<sup>11</sup>Gaddii akka eyyama Waaqayyoo ta'e kun akka isin gad-of-qabdaniif waan guddaa isin keessatti akka fide. Dandeetiindhugaa keessan amma guddaa, sodaan keessan, hawwii keessan, inaaffaa keessan fi dheebuu isin akka qajeelummaan ta'u arguuf qabdan kanneen akka Waaqayyoo isiniif baayi'see mee laalaa. Isin warra yakka hin qabne ta'u keessan karaa hundaan of agarsiiftaniittu. <sup>12</sup>Egaa kaniin ani isiniif barreesseef sababbii isa miidheef yookin isa miidhameef otoo hin ta'iin akka isin ammam nuuf of kennittan ofuma keessanii fuula Waaqayyo duratti of argitanifiif jedheen malee.<sup>13</sup>Nutiis waan kanaanbni jajjabaanna. Nutti toluu keenya irrattis dabalee, sababa Tiitoon gammadeef nutiis caalmaatti gamadneera, sababa isa isin hundi keessan hafuura isaa boqachiiftanii fidha. <sup>14</sup>Ani isiniin boonuu koo isatti himeen ture, isinis na hin qaaneessine. Karaa biraatiin garuu akkuma waantii nuti isinitti himne sun dhugaa ta'e, waayee keessan Tiitootti boonuun keenyas dhugaa ta'uun isaa mirkanaa'ee jira.<sup>15</sup>Innis ajajamuu hunda keessanii akkasumas sodaa fi hollannaa ittiisa simattan sana yammuu yaadatu jaallalli inni isiniif qabu isa duraa caala dabalaan deemee. <sup>16</sup>Ani isin irratti amantii qabaachuu kootiif nan gammada.

## Chapter 8

<sup>1</sup>Yaa obboloota nuti akka isin waayee ayyaana Waaqayyoo isa waldoota Maqedooniyaatiif kenne akka beektan ni barbaadna. <sup>2</sup>Otoo dhiphina baay'eedhaan isaan qoramutti jiranuu, gammachuun isaanii irra caala, akkasumas iyuma akka maleen isaanii arjummaan badhaadhina gudaa isaanii buuseera. <sup>3</sup>Isaan haga danda'an, haga danda'an qofa otoo hin ta'iin haga danda'anii olillee akka fedhii isaanitiin kennan ani dhugaa nan baha. <sup>4</sup>Isaanis akka tajaajila qulqulloota Waaqayyootiif godhamuu irratti akka hirmaachuu danda'aniif akka carraa argataniif jabeessanii nu kadhatu turan. <sup>5</sup>Kunis kan ta'e kan nuti eegne ol ture, isaanis garuu dursanii Gooftaadhaaf mataa-ofii isaanii kennan, achiinis immoo akka eyyama Waaqayyootiin nuf of kennan<sup>6</sup>Kanaafuu, Tiitoon kanaan dura isiin walakaatti hojii arjummaa jalqabe kana akka xumuruuf isa kadhannee turre. <sup>7</sup>Isin garuu akkuma waan hundaan jechuunis amantiin, dubbiin, beekumsaan, cimina hundaa fi jaala isin nuuf qbdan akkuma caaltan akkasuma hojii arjummaa kanaanis caaltanii argamtan ni barbaadna. <sup>8</sup>Ani kana kanan jedhu isin ajajuuf miti, garuu cimina namootni biraagarsiisani wal bira qabe jaalala dhugaa keessan ilaaluufi malee. <sup>9</sup>Isin ayyaana Gooftaa Iyyasuus Kiristoos ni beektuu. Inni otoo dureessa ta'ee jiruu, isiniif jecha iyyeessa ta'e, kana irraa kan ka'e iyyuummaa isaatiin isin dureeyyi taatan. <sup>10</sup>Waan kana irratti gorsa isin gargaaruu isiniif kenna. Wagga darbe, isin waan tokko hojjachuuf jalqabuu qofa otoo hin ta'iin isa hojjachuuf yaaduu keessanis malee. <sup>11</sup>Ammas isa xumuraa akkuma duraan fedhii fi hawwii gochuuf qabdani sanatti, akkasuma immo isinis amma dandeessan gara fiixaan baasutti isa fida. <sup>12</sup>Egaa isin kana gochuuf fedhi yoo qabaattan, waantii kunis gaariidha fudhatamas ni qaba, inni kunis kan hundaa'uu waan namni tokko qabuu irratti malee waan hin qabne irrattii miti. <sup>13</sup>Kunis akka isin rakkattanii warrii kaan immoo itti toluuf otoo hin ta'iin akka wal-qixxummaan jiraatuufi dha. <sup>14</sup>Yeroo amma akka waantii isin irraa hafu hirdhina isaanii waan isaanifi barbaachisu guuta. Akkasumas immoo waantii isaan irraa hafes waan isiniif barbaachisu hirdhina keessan ni guuta, kanaanis waan qabdani waliin geessu. <sup>15</sup>Innis akkuma akkana jedhamee barreefameedha . "Isa baay'ee walitti qabefis irraa hin hafneef, isa xiqa walitti qabefis immo hin haqanne ." <sup>16</sup>Yaada gaarii ani isiniif qabu kana Waaqni inni onnee Tiito keessa kaa'e haa gaalatoomu. <sup>17</sup>Innis gara keessan kan dhufe kadhannee keenya fudhatee qofa miti. Kaka'uumsa fedhii ofii isaatiifi hawwii guddaadhaan ture malee. <sup>18</sup>Nutis isa waliin obboleessa kan wangeela lallabuun waldoota hunda biratti beekamaa ta'e ergineerra. <sup>19</sup>Kana qofa otoo hin ta'ii , obboleessi kun hojii arjummaa kan nuti ulfina Gooftaaf namoota biroo gargaaruuf fedhii gaarii qabnuu keessatti akka nu waliin hojjatuuf waldootaan filaatame male. <sup>20</sup>Hojii arjumaa raawanuu kana keessatti akka eenyumtuu nu hin yakkineef of-eegganna. <sup>21</sup>Nuti waan gaarii kana kan hojjannu, fuldura Gooftaa qofatti otoo hin ta'iin fuldura namaa fuldurattis malee. <sup>22</sup>Akkumas nuti isaan waliin obboleessa bira ni ergina. Nutis isa karraa baay'ee qoruun hojii baay'ee irratti nama gaarii ta'u isaa arginee jirra. Ammas inni amantii isin irraa qabaachuu irraa kan ka'e kan kanaan duraa caala yaada. <sup>23</sup>Waa'ee Tiitoos immoo isa waliin tokko taanee kan waliin isiniif hojjanuudha. Obboloonni keenyas, waldoota irra ergamoota kan ta'aniidha. Isaanis Kiristoosiif ulfinaadha. <sup>24</sup>Kanaafuu jaalala keessan isaanitti agarsiisuun mirkaneessaa saba waa'ee isiniin boonuufis waldoottatti muldhisaa.

## Chapter 9

<sup>1</sup>Waa'ee tajaajila qulqullota Waaqayyootiif godhamu kana isiniif barreessuun na hin barbaachisu. <sup>2</sup>Ani waa'ee hawwii keessan, waa'ee isan anii warra Maqeedooniyaa birratti ittin boonuu nan beeka. Anis isaanitis akka warri Akkayaan bara darbee irraa jalqabee qophaa'uutti galaniiru, jedhee itti himeen jira.<sup>3</sup> Ammas anii akkuma isaan qophaa'aniirudhe dubbadhe sanatti akka qophooftaniif maled waa'ee kanaatiif isiniin boonuun keenya waan akkanumaan dubbatame akka hin taanee obboloota isiniif ergeera. <sup>4</sup>Yoo kana hin ta'iin, namootni Maqeedooniyaa ana waliin dhufanii otoo hin qophaa'in yoo isin argan garuu isin qofa otoo hin ta'iin nutis hagana hunda isiniin boonuun keenyaan ni qaanoofna (saalfanna) waa'ee keessanis anii homaa jechuu hin danda'u. <sup>5</sup>Kanaafuu akka obbollonni nu daru gara keessan dhufanii gargaarsa isi arjuummaan kennuun waadaa galtan sana duraan dursanii qopheessaniif isan erguun gaarii ta'uun isaa yaadeen jira. Kanaafuu waan arjuummaan kennuun yaaddan kana dirqamaan otoo hin ta'iin feedhii keessaniin kennuudhaaf kan qophooftan ta'aa.<sup>6</sup>Ijoonis kanaadha; namni inni hirdhuu facaasuu, akkasuma immoo hirdhuu haama; inni immoo kaayyoo eebaatiif jedhee baay'ee facaasuu akkasuma eebaan galfata. <sup>7</sup>Egaa namnii hundu mufannaan yookiin dirqamaan otoo hin ta'iin hanga onnee ofii keessatti yaade haa kennuun, sabaniis Waaqayyo nama isa jaalalaan kennuun jaalata.<sup>8</sup>Akka isin yeroo hunda waan hundaan waan isin barbaachisu hunda argaattanii hojii arjummaa hundaaf taataniif, Waaqayyoo ayyaana hunda isiniif baay'isuu ni danda'a. <sup>9</sup>Akkaakkana jedhamee barreefameetti "Innis ni bittinneesse, hiyyeyyifis ni kenne. Qajjellummaan isaas bara baraan ni jiraata."<sup>10</sup>Inni nama isa facaasuuf sanyii isa nyaatuufis immoo nyaata kennu sun isiniifis akka facaaftaniif sanyii isinii ni kenne isinii baay'isa firii qajjelinnaa keessanis ni baay'isa. <sup>11</sup>Yeroo hunda akka arjummaadhaan kennuun dandeesaniif waan hundaan isin duroomsa. Waanti kunis karaa keenyaan Waaqayyoof galata kennuuf sababa ta'a.<sup>12</sup>Tajaajilli isin kennitan kun hirdhina qulqullota saba Waaqayyo guutu qofa otoo hin ta'iin, Waaqayyoofis galatni baay'een kan itti dhiyaatuuf dha. <sup>13</sup>Sababa isin wangeela Kirisitoos fudhattanii ajajamtanii fi waa'ee isaaniifis ta'ee namoota biraatiifis arjummaa isin argisiiftanii fi tajaajila keessan isa qormaata keessa darbe sanaaf namootni Waaqayyoo ni ulfeessu. <sup>14</sup>Isaanis isin yaadu, isiniif kadhatuus sababni isaan kana godhaniifis ayyaana guddaa Waaqayyo isin irra jiruudhaafi. <sup>15</sup>Waaqni inni kenni isaa jechaan hin ibsamne haa galatoomu!

## Chapter 10

<sup>1</sup>Ani yeroon isin waliin jiru ija-laafessa, yeroo isin irraa fagaadhu garu ija-jabeessaa dha. Ani Phaawuloos garraamummaa fi gara laafummaa Kiristoosiiniin isinitti hima. <sup>2</sup>Ani yeroo gara keessan dhufu akka isin ija-jabeenyan warra waan nuti akka nama fooniin jiraannuutti nu lakkaa'aniin mormuuf murteessera. Isinitti garuu ija-jabeenyaakkanaatiin akkan dubbadhu akka hin goone isinin kadhadha.<sup>3</sup>Nu yoo fooniin deddeebinullee garuu akka nama fooniitti hin lollu. <sup>4</sup>Meeshaan (miini) waraanaa kan nutti ittiin waraannuu kan dawoo hunda diddiiguudhaaf humna cimaa Waaqayyoo qabuudha malee meeshaa (mi'a) waraana fooniidha miti.<sup>5</sup>Mormii fi of-tuullummaa beekumsa Waaqayyo irrattii ka'u hunda ni diigna, nuti yaada hunda boojinee kiristoosiif akka ajajamu ni goona. <sup>6</sup>Erga isin guutummaatti ajajamu keessan mirkaneessitanii booda, nut immoo ajajamu diduu hunda adabuuf ni qophoofna.<sup>7</sup>Isin waanuma karaa fuldura keessanii ilaaltu. Eenyumtuu yoo kan Kiristoos ta'u isaatti amane, akkuma inni kan Kiristoos ta'e, nutis kan Kiristoos ta'uu keenya haa hubatu. <sup>8</sup>Angoo Gooftaan naaf kenneen baay'ee boonullee itti hin qaana'uu (hin saalfadhu), angoon kunis akkan itti isin ijaaruuf malee akkan ittin isin diiguufi miti.<sup>9</sup>Ani akka waan xalayaan koo isin sodaachisuutti akka fudhattan hin barbaadu. <sup>10</sup>Akka namootni tokko tokko "ergaan xalayaas isaa ulfaataa fi cimaadha, qamni isaa garuu dadhabaa dha, dubbiin isaas kan tuffatamee dha" jedhu.<sup>11</sup>Namootniakkana kun akka nuti waanuma yeroo isaan bira jirreetti xalayoota keenya keessatti dubbannu sana akka yeroo isaan biratti argamnus isuma hojjannu haa hubatan. <sup>12</sup>Nuti warra garee of-galateeffatan waliin of qixxesuuf ija hin jabaannu. Garuu yeroo ofuma isaaniitiin of-madaalaniif of qixxeessan hubanna dhabuu isaaniiti.<sup>13</sup>Haa ta'u malee, nuti akka maleetti of-hin jajnu, of-jajuun keenya daangaa tajaajila kan Waaqayyoo ramadee nuuf kenne qofa keessattii dha, innis tajaajila nuti isinii kennaajirru dabatala. <sup>14</sup>Yeroo nuti gara keessan dhufnu ofi kenyaaan daangaa nuuf kennname hin darbine. Nuti yeroo wangeela Kiristoos gara keessan fidnee dhufnu warra jalqabaa turre.<sup>15</sup>Nuti hojji warri kaan hojjataniin akka maleetti of hin jajnu. Abdiin keenya garu akkuma amantiin keessan guddataan deemuutti (fufutti) bakka tajaajila keenya inni isin jidduutti qabnu caalatti babaldhatuudha.<sup>16</sup>Kanaafuu, nuti duraan dursee biyya isinin alaa keessatti wangeela lallabameen otoo of-hin jajne, isiniin achitti wangeela lallabuu ni dandeenya.<sup>17</sup>"Garuu kan boonu Gooftaadhaan haa boonu."<sup>18</sup>Nama Gooftaa heere (ilate)tuu fudhatama qaba malee, namni of heere (of filate) fudhatama hin qabu.

## Chapter 11

<sup>1</sup>Ani gowwummaa koo ishii xiqoo akka naa obsitan nan abdadha. Garuu dhugaadhumaan naa obsitu. <sup>2</sup>Anis isiniif nan inaaffa, inaaffaa Waaqayyootiinin isiniif inaaffa, akka durba ishii qulqullittii dhiira hin beekne tokkootti dhirsa tokkoof jechuunis Kiristoosif dhiyeessuuf isin isaaf kaadhimeera.<sup>3</sup>Garuu akkuma bofti hameenya isatiin Hewaan mookse (gowwoomse) sana akkasuma isinis yaada keessan mooksee faaluun garaamummaa fi qulqullummaa Kiristoosif qabdan irraa isin dogondorsaa jedheen sodaadha. <sup>4</sup>Sababnis isin yoo namni tokko gara keessan dhufee Iyyasuu is nuti isiniif lallabne adda ta'e isiniif lallabe, yookin Hafuura duraan fudhatanii adda ta'e hafuura biraan fudhattan, yookin yoo wangeela isa kanaan dura fudhattanii adda ta'e fudhattan, waantoota caldhistaniitume tolee jettanii fudhattu jechaadha.<sup>5</sup>Ani garuu, isaan "Ergamoota gurguddoo" jedhamanii waamamanii gadi jedhee of hin yaadu. <sup>6</sup>Ani dubbitti muuxannoo dhabuu illee garu, beekumsa nan qaba. Kanas immoo karaa hundaa fi waan hundaan isinii ibsineerra.<sup>7</sup>Wangeela Waaqayyoo gatii malee isiniif lallabuun akka isin ol-jettanii ani gad-of qabuun koo cubbuudhaaree. <sup>8</sup>Ani isin tajaajilluuf jecha gargaarsa waldaa biraan irraa fudhachuu kootiif isaan saameera. <sup>9</sup>Ani yeroon isin bira ture waan na barbaachisuuf nama tokkotillee ba'aa hin taane, obboloonni Maqeedooniyaadhaa dhugan waan na barbaachisuu na gargaaranii jiru. Anis waan tokkoonillee akkan ba'aa isinitti hin taanee of eegachaan ture, gara fulduraattis of-eeggachuutti ittin fufa.<sup>10</sup>Amma dhugaan Kiristoos na keessa jiruutti boonuu koo kana kutaa Akaayaa keessatti hin caldhisu. <sup>11</sup>Maaliifi? Waaniin isin hin jaallanneefi? Waaqayyoo ni beeka.<sup>12</sup>Namoota warra nuun waliin qixa ta'uuf hojii ofitiin of jajaa guyyaa eeggatanii sana sababa dhabsiisuuq waaniin amma hojjachaa jiruu gara fulduraatiis nan godha. <sup>13</sup>Namootni akkanaa kun ergamoota sobaa fi hojjatoota mooksotaa, warra ergamoota Kiristoos of fakkeessuuf of jijiiraniidha. <sup>14</sup>Kun waan dinqisiisuu dhaa miti sababnis seexanni malaaktoota ifaa fakkaachuuf waan of jijiiruuf. <sup>15</sup>Egaa tajaajilootni isaa yoo tajaajiloota qajeelinaa fakkaatanii of jijiiran kun waan dinqisiisaadhaa miti. Dhumni isaanii akkuma hojii isaanii ta'a.<sup>16</sup>Ani irra deebi'ee nan jedha. Enyumtuu akkan ani waan nama gowwaa ta'ee itti hin fakkaatiin. Garuu yoo gootan illee, akkan ani xiqqoo boonuuf akkuma gowwaa tokkotti na simadhaa. <sup>17</sup>Ofitti amanee boonuun koo kun akkuma gowwaa tokkotti malee, akka daandii (karaa) Gooftaatiin miti. <sup>18</sup>Egaa namootni baay'een akkuma fooniin boonan, anis nan boona. <sup>19</sup>Isin waan ofuma keessanii hubatoota taaaataniif, gammachuun gowwota obsitu. <sup>20</sup>Yoo enyumtuu isin garboomse, yookin isin saamee, yookin bu'aa isatii jedhee isinitti maxxane, yookin isin irratti ol baye, yookin fuula keessan kabale ni obsitu. <sup>21</sup>Nuti garuu waan sana irratti dadhaboo ta'uu keenya sodaachuun dubbadha. Ani akka gowwaa tokkottin dubbadha, waan namni kamiyuu ittiin boonuun, anis boonuu nan danda'a.<sup>22</sup>Isaan Ibrootaa? Anis akkanuma. Isaan Israa'eeloota? Anis akkanuma. Isaan sanyii Abrihaamiidha? Anis akkanuma. <sup>23</sup>Isaan tajaajiloota Kiristoosiidha? (Ani akka nama maraateettin dubbadhaa.) Ani isaanii caala, hojii ulfaataadhaan, yeroo baay'ee hidhamuudhaan, yeroo baay'ee himnaa ol garafamuun yeroo baay'ee du'atti dhiyaadheera. <sup>24</sup>Yihuudotni yeroo shan 'afurtama guutuuf tokko hanqu garafameera.' <sup>25</sup>Yeroo sadii uleedhaan reebameera; yeroo tokko dhagaan dhahameera; yeroo sadii dooniin na jalaa caccabeera. Halkan tokkoo fi guyyaa tokko galaana irra tureera. <sup>26</sup>Ani otoo wal-irraa hin citiin adeemsa irra tureera, balaa bisaanii, balaa saamtootaa, balaa sabuma koorraa, balaa warra ormaaraa, magaalaa keessatti balaa, lafa onaa keessatti balaa, galaana irratti balaa, barsiisota obboloota sobaa irraa balaa.<sup>27</sup>Tajaajilaan dadhabeera, dhiphadheeras, halkan baay'een irriba malee bule, beelayeera, dheebodheera, yeroo baay'ee ee xoomeera, dhaamodheera (daareera), qulla ta'eera. <sup>28</sup>Kana hunda caala yaadniin walootaa hundaaf ani qabu guyyaa guyyaan natti ulfaata. <sup>29</sup>Eenyutuu dadhabaadha, ani immoo dadhabaa mitiree? Eenyutuu dogongoraadha, ani immoo otoo aariin hingubanneen hafeeree?<sup>30</sup>Ani yoodhan boonuu barbaade waan dadhabpii koo muldhisiin nan boona. <sup>31</sup>Waaqnii fi Abbaan Gooftaa Iyyasuu inni barabaraan eebbfame sun akkan ani hin sobne ni beeka!<sup>32</sup>Yeroon ani Damaasqoo turetti namni mooticha Aareexaas jallatti bulchaa biyyaa ture ana qabsiisuuq magaalaa Damaasqoos eegsisa ture. <sup>33</sup>Haa ta'u malee ani garu karaa fooldaa gimbiitiin Zambiilaan rarraasanii buufamuun harka isaa jalaa baye.

## Chapter 12

<sup>1</sup>Bu'aa dhabullee, ani nan boona. Ani garuu gara agarsiisaa fi muldhata Gooftaattin qajeela. <sup>2</sup>Ani nama Kiristoos keessa ture tokko waggaa kudha afuriin dura gara samii saddaffaatti ol fudhatamee sana nan beeka, innis immoo fooniin ta'uu yookin fooniin ta'uu dhisuu, isaa Waaqayyotuu beeka malee ani hin beeka malee ani hin beeku. <sup>3</sup>Ani namni kun fooniin ta'uu yoomin fooniin ta'uu dhiisuu, ani hin beeku; Waaqayyootuu beeka. <sup>4</sup>Innis gara jannataatti ol fudhatamee dubbii namni ibsuuf hin danda'amne isa namni dubbachuuuf hin eyyamamne dhagaye. <sup>5</sup>Ani waa'ee nama akkanaatiif nan boona, ani garuu waa'ee ofii kootiitii dadhabbi koof malee hin boonu. <sup>6</sup>Ani sababaan dhugaa dubbadhuuf yoodhan boonuu filadhe gowwaa hin ta'u. Garuu akka namni tokkollee waan ana irratti argee fi dhagayee caala hinyaadneef, boonuu irraa ofin eega. <sup>7</sup>Akkan ani muldhata guddaa kana irraa kan ka'e akka malee of hin tuullee waraana tokko foon kootii, akka na dhiphisuuf ergamaan seexanaa naa kennname. <sup>8</sup>Anis akka Gooftaan waan kana ana irraa fuudhuuf yeroo sadii'in isa kadhadhee ture. <sup>9</sup>Garuu innis akkana naan jedhe "Ayyaanni koo si gaha, waan humni dadhabbi keessatti ga'uumsa godhuuf." Kanaafuu ani akka humni Kiristoos narratti qubatuuf waayee dadhabbi kootiitti baay'ee nan boona. <sup>10</sup>Kanaafuu ani waa'ee Kiristoosiif jedhee haalota dadhabbi, arrabsamuu, rakkina, arii'atamuu, dhiphina keessatti gamadduun koo kanumaafi dha. Ani yeroo dadhabu, yoos jabaadha. <sup>11</sup>Ani akkan of gowwoomsu kan na dhiibe isiniidha, ani isinii galata argachuun qabaayyu. Ani hommaatti lakkaawamuu baadhuulee, garuu warrota ergamoota gurguddoo jedhamanii gadii miti. <sup>12</sup>Mallatooleen ergamoota dhugaa hundii isaanis, obsaan cimuu, Milikita ajaa'ibaa fi dinqiin jidduu keessanitti hojjatameera. <sup>13</sup>Barbaadamummaan keessan waldoota biraahafan irraa maaliin xiqaate, ani isin irratti ba'aa ta'uu dhiisuu koo malee? Dogogora koo kanaaf dhiifamaa naa godhaa! <sup>14</sup>Ilaala, yammuu gara keessan dhufuuf qophaa'uu kun yeroo sadaffaa kooti. Yammuu ani dhufu maalumaanuu isin irratti ba'aa ta'uu hin barbaadu. Ani isin malee, isin irraa homaa hin barbaadu. Abbaa fi haadhatuu ijoolee ofitiif kuusa malee, ijooleen abbaa fi haadhaaf hin kuuftu. <sup>15</sup>Ani lubbuu keessanii ofiillee yoon kenne baay'een gammada. Egaa yoodha n ani hagan hunda isin jaaladhe, isin immoo xiqoodhima kana na jaalatuuree? <sup>16</sup>Haa ta'u malee, ani ba'a isinitti hin taane. Garuu anii waaniin hameenyaa fi maltummaadhaan isin jallise isinitti faktachuu hin didne. <sup>17</sup>Ani namootan gara keessanitti erga keessaa karaa nama tokkollee isin irraa bu'aa barbaadeeraa? <sup>18</sup>Ani akka Tiitoon gara keessan dhufuuf isaa kadhadheen ture, obbolleessa keenyas isa waliin ergeera. Tiitoon isin saameeraa? Nut hafuura tokkoon hin deddeebineeree? Nut sadarkaa tokkoon hin deddeebineeree? <sup>19</sup>Isin yeroo hundaa akka waan nuti fuuldura keessanitti ofiif falmanuu yaadu moo? Nuti akka warra Kiristoos keessa jiraatuutti Waaqayyoo fuulduratti dubbanna. Yaa jaalatamtoota, waan kana hunda hojjachuun keenya isin jabeessuuf jenneetiidha. <sup>20</sup>Yammuu gara keessan dhufu, isin akkan ani fedhu taatanii hin argamattanii laata jedheen sodaa qaba, yookin akka fedhii keessanii ta'e ani hin argamuu laata jedheen sodaa qaba, yookin jiddu keessanitti lolli, inaafaan, aariin, gareen walqoqqoduun, maqaa wal-yakkuun, hamii, of-tuullummaanii fi jeequmsi ni jira jedheen sodaa qaba. <sup>21</sup>Yeroon ani deebi'ee gara keessan dhufu Waaqni koo isin fulduratti naqaanessa jedheen sodaadha, waa'ee namoota baay'ee isaan kanaan dura cubbuu hojjatanii fi amma qalbii jijiratanii hin hin qulqulloofnee fi warra hawwii foonii, xuraa'ummaa fi ejjuu raawwataniiif sodaan qaba.

## Chapter 13

<sup>1</sup>Ani yammuun gara keessan dhufu kana waliin yeroo sadaffadha. "Wantii hundumtuu 'dhugaa bayinsa' nama lamaan yookin sadiin mirkaneeffama." <sup>2</sup>Ani yammuun yeroo lammaffaaf isin bira achi ture isin akeekkachiseera, ammas isuma irra deebi'a. Ani yeroo deebi'ee dhufutti warra kanaan dura cubbuu hojjataniifi warra kaaniif hunda garaa hinlaifu. <sup>3</sup>Ani waaniin kana isiniin jedhuuf sababa isin Kiristoos ana irraan dubbachuu isaa ragaa waan barbaaddaniifi dha. Innis jidduu keessanitti cimaa dha malee dadhabaadhaa miti. <sup>4</sup>Inni kan fannifame dadhabbiidhaan ta'ullee, garuu humna Waaqayyootii ni jiraata. Nutis akkasuma isa waliin dadhaboo taanullee, isuma waliin humna Waaqayyootiin jidduu keessan ni jiraanna. <sup>5</sup>Isin ofin keessan amantiin jiraachuu keessan beekuuf of ilaala. Ofuma keessaniin of-qora. Isin dhugumaan yoo qormaata kuftan malee, ofii keessanii akka Iyyasuus Kiristoos isin keessa jiru hin hubattanii? <sup>6</sup>Ani akka isin nuti qormaata hin kufne akka hubattan abdiin qaba. <sup>7</sup>Ammanuti akka isin yakka tokkollee hin hoijanne Waaqayyo ni kadhanna. Ani akka waan nuti qormaata darbineetti ilaalamuuf hin kadhadhu. Garuu nuti waan qormaata kufne fakkatuus akka isin waan garii ta'e gootaniifin kadhadha malee. <sup>8</sup>Nuti dhugaadhaaf qofa malee, faallaa dhugaa waan tokko illee gochuu hin dandeenyu. <sup>9</sup>Nuti dadhaboo taanuu isin cimoo ta'u keessaniiif ni gammadna. Kadhanan keenyas immoo akka isin guutuu taataaniifi dha. <sup>10</sup>Ani yammuun isin irraa faggaadhee jirutti waantiin waantoota kana isiniif barreessuuf yammuun gara keessan dhufu angoo isa Gooftaan naaf kenne akka ijaaramtaniif malee, humnatti fayyadamee akka diigamtaniidhaaf miti. <sup>11</sup>Egaa yaa obbolloota, walumatti qabuun, gammadaal! Haaromsaaf hojjadhaa! Cimaa! Yaada tokko qabaadhaa! Nagaan jiraadha. Akkasuma Waaqni jaalalaafi nagaan isin waliin ta'a. <sup>12</sup>Dhugoo qulqulluun nagaan wal gaafadhaa. <sup>13</sup>Qulqulloon sabni Waaqayyoos nagaan isiniif kenu. <sup>14</sup>Ayyaanni Gooftaa Iyyasuus Kiristoos, jaalalli Waaqayyoo fi tokkummaan Hafuura Qulqulluus hunda keessan waliin haa ta'u.

## Galatians

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawuloos ergamaan, ergamaa isa nama biraan yookaan dhaabbata biraan ta'e miti. Garuu, Kiristoos Yesuusii fi Waaqayyo abbaa keessaan, isa du'aa isa kaase. <sup>2</sup>akkasuma obboloota warra anaa wajjin biraan biraan, waldaa amantoota Galaatiyaatiif. <sup>3</sup>Ayyaanni isiniif haa ta'u, nagaanis Waaqayyo abbaa fi gooftaa Yesuus Kiristoos biraan. <sup>4</sup>Isa bara hamaa kana jalaa nu baraaruudhaaf jedhee sababii cubbuu keenyaaf of kenne. Akka fedha Waaqayyo keenyaa fi abbaa keenyaatti. <sup>5</sup>Isaaf ulfinni baraa hanga baraa baraatti haa ta'u. Ameen. <sup>6</sup>Anaan waa'een isa isin saffisa akkasiitiin isa ayyaan Kiristoosiin isin waame irraa gara galtanii na dhiba. Gara wangeela kan biraatti gara galuun eesskan na dhiba. <sup>7</sup>wangeelli kan biraan hin jiru, garuu namoonni tokko tokko warri isin rakkisanii fi wangeela kiristoosis booreessuu barbaadan jiru. <sup>8</sup>Garuu yoodhuma nu'i, yookaan ergamootni waaqa irraa illee wangeela isa nuti isinitti lallabne irraan adda ta'e isnitti lallaban, kan abaaraman haa ta'ani. <sup>9</sup>Akkuma duraan dubbannee turre, ammas irra irra deebi'een jedha, "Yoo namni tokko wangeela isa isin duraan fudhatten irraa adda ta'e isinitti lallabe, abaaramaa haa ta'u" <sup>10</sup>Ani amma oolmaa namootaa yookaan kan Waaqayyoon barbaadaa? Namoota gammachiisuun barbaadaa? Yoon amma iyyuu nama gammachiisaan jira ta'e, ani hojjetaa Kiristoos miti. <sup>11</sup>Obbolootaa, beekuu waanan barbaaduuf, wangeelli inni ani isinitti isa kan namaan miti. <sup>12</sup>Ani nama tokko irraa illee isa hin fudhanne, yookaan hin barsiifamne, mul'ata isa Yesuus Kiristoos biraan anaaf kennameedha. <sup>13</sup>Wa'ee jirenya yihuudimmaa kootii isa duraanii dhageessaniittu, akkamitti akkan cimsee waldaa kiristiyanan ari'achaa turee fi akka ani itti balleessuuf yaalaa tures jabaan ture. <sup>14</sup>Yihuudummaatti namoota baay'ee gita umurii kootii turan caalaa ani jabaan ture. Kun immoo ammam akka ani aadaa abboota mootiif hinaaffaa jabaan qabaachaa ture argiisa. <sup>15</sup>Garuu, Waaqayyo inni gadameessa haadha kootii keessatti adda ana baafatee fi ayyaana isaa keessaan na waame gammadaadha. <sup>16</sup>Ilma isaa ana keessaan mul'isuudhaaf, akka ani warra ormaa keessatti wangeela isaa lallabuuf, ani battaluma foonii fi dhiigaa wajjin hin mari'anne. <sup>17</sup>ani gara warra ana dura Yerusaalemitti duuka buutota ta'aniis ni dhaqne, qooda isaa, gara biyya Arabaa dhaqueen Damaasqottis deebi'e. <sup>18</sup>Isa booda, waggaad sadii booda, Keefaa wajjim wal arguuf jedheen gara Yerusaalem dhaqueen guyyoota kudha shan isaa wajjin taa'e. <sup>19</sup>Garuu immoo Yaaqob irraan kan hafe bartoota warra kaan hin argine; isa obboleessa gooftaa. <sup>20</sup>Isa ani siif barreesse keessatti, akka inni doba hin ta'in Waaqayyoo durattin siif mirkaneessa. <sup>21</sup>isa booda gara kutaa Sooriyya fi Qiliqiyaan dhaqe. <sup>22</sup>Ani amma iyyuu walootii kiristoyaanaa

## Chapter 1

Yihudaa warra kiristoos keessa jiran qaamaan hin beeku.<sup>23</sup> Isaa utuu “Nanmi inni nu ari’achaa ture amma oduu gaarii isa kanaan dura balleessuuf ture lallabaa jira” jedhemuu dhagaa’an.<sup>24</sup> Kanaa isaan waa’ee kootiif Waaqayyoon halateeffatan.

## Chapter 2

<sup>1</sup> Booda waggoota kudha afur boodan baarnaabaasii wajjin gara Yerusaalemitti ol ba'e; Tiitoosiinis of duukaa fuudhee. <sup>2</sup>Ani sababii mul'atichaaf ol-ba'een wangeela isa ni warra ormaatti lallabes isaa dura kaa'e. Ani qoofniitti warran barbaachisoo ta'nii wajjin haasa'eera. Akka ani akkasumaan fiigaa hin turre mirkaneessuuf jedhee.<sup>3</sup> Tiitoo inni Girikii anaa wajjin ture illee, kittaanamuudhaaf dirqisiifameera. <sup>4</sup>Obboloonni sobaa dhoksaadhaan bilisummaa nuti Yesuus Kiristoos keessaan arganne basaasuuudhaaf dhufani. Isaa garboota nu godhachuu barbaadaniiru. <sup>5</sup>Nuti garuu yeroo tokkichaaf illee isaanitti of hin kennine, akka dhugaan wangeelaa sun isin biratti hafuuuf jennee. <sup>6</sup>garuu warri barbaachisoo fakkaatan, (Maal iyyuu yoo turan anaa dhiima koo miti, Waaqayyo loogii hin agisiisu), ani, isaan, warri barbaachisoon fakkaatan kun waan anatti dabaln hin qabanin jedha. <sup>7</sup>Faallaa isaa immoo, akka nai warra hin kitaanamin biraan wangeela ga'uuf waamame arganiiru. Akkauma Pheexiros warra kitaanaman biraan wangeela ga'uuf waamame. <sup>8</sup>Waaqayyo, akkuma Pheexiroosii warra kitaanamaniif ergaa godhe, anaan immoo warra hin ormaaf ergamaa ana godhe.<sup>9</sup> Yeroo Yaaqob, Keefaa fi Yohaannis, warri akka utubaatti maqaa qaban, ayyaana isa anaaf kennname hubataniiru, isaan anaa fiBaarnaabaasiif gargaarsa barbaachisu kennaniiru. Isaan akka nuti gara warra ormootaa dhanquuf walii galaniiru, isaan immoo akka gara warra kitaanamanii dhaqan. <sup>10</sup>Isaan akka nuti warra hiyyeessota yaadannu qofaa nu gaafatan. Dhimma isa anis baay'ee irratti hojjechuu barbaadu. <sup>11</sup>Garuu, yeroo Keefaan Anxooqiyaa dhufe, hojiin isaa kan itti farachiisu waan ta'eef isaan mormeera. <sup>12</sup>Utuu namootni murtaa'an Yaaqob biraan hin dhufin, Keefaan warra ormootaa wajjin nyaachaa ture. Garuu yeroo namoonni kun dhufan, inni isaaniin dhiisee warra ormaa kana irraa fagaateera. Inni warra kitaannaa gaafachaa turan sodaateera. <sup>13</sup>Yihuudonni warri hafanis ofitummaa kanatti dabalamaniiru. <sup>14</sup>Garuu yeroon akka amalli isaanii dhugaa wangeelaa hordofaa hin jirre arge, ani hunduma isaanii duratti Keefaadhaan "Ati yoo Yihudii taatee garuu immoo akka warra ormaatti jiraatta ta'e, akkamitti akka warri ormaa akka Yihuudoattii jiraatan gootareen?" jedhe. <sup>15</sup>Nuti dhalootumaan Yihuudota malee, warra cubbamoota ormaa miti. <sup>16</sup>Eyyee, akka eenyu iyyuu hojii seeraan hin qullaa'in beekna, garuu immoo amantiidhaan Kiristoos Yesuusiin malee. Nutis Kiristoos Yesusitti amanne, akka amantiidhaan Yesuusiin quollofnuuf, hojii seeraanis miti. Hojii seeraan fooni qullaa'u hin jiru. <sup>17</sup>Garuu, yoo Yesuusiin qullaa'u barbaanne, nutis cubbamoota turre, kanaaf Yesuus tajaajila cubbuutiiree? Tasa miti! <sup>18</sup>Yoon isan takkaa diige nan ijaara ta'e, irra daddarbaa ta'uun koo ni mirkanaa'a. <sup>19</sup>Seera keessaan seeraaf waanan du'eef, Waaqayyoof jiraachuudhaaf. Ani Yesuusii wajjin fannifameera. <sup>20</sup>Kana booda kiristoos isa ana keessaatu jiraata malee anatu jiraata miti. Jirenya ani amma fooniin jiraadhu, amantiidhaanin ilma Waaqayyoo keessa jiraadha. Isa ana jaallatee ofii anaaf kenne keessa. <sup>21</sup>Ani ayyaana Waaqayyoo cinatti hin dhiisu, utuu qajaalummaan seera keessaan argama ta'ee, Yesuus akkasumaan du'e jechuudha.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Gowwoora warra Galaatiyaa! Eenyuutu qoricha isiniti hojjete? Ija keessa duratti Kiristoos Yesuus fannifamee mul'inaan argisiifamuun isaa. <sup>2</sup>Kun waanta isa tokkicha ani isin irraa barachuu barbaaduudha. Isin hojii seeranimoo dhaga'uu amaniitiin hafuuricha argattani? <sup>3</sup>Isin akkasuma gowwootaa? Hafuuraan eegaltanii fooniin xumuruudhaaf jettuu? <sup>4</sup>Hanga kana akkasumaan dhiphattanii, yoo akka ta'e, inni akkasumaan turee? <sup>5</sup>Inni hafuura isiniif kennuu fi inni isin gidduutti dinqii hojjetu, hojii seeraa ykn hojii dhaga'uu amantiin hojjeta? <sup>6</sup>Akkuma Abraham "Waaqayyoo amenee jennaank inni qajeelummaatti lakkaa'ameef" <sup>7</sup>Akkasuma, hubadhaa, kanaaf, isaan warri amantii sun akka ijomlee Abraham ta'an. <sup>8</sup>Caaffatni qulqulla'aan, akka Waaqayyo warra ormootaa amantiidhaan, wangeela isa dursee Abrahamitti lalalbeen qulleessu dursee himeera. "si keessaan sabni hundumtuu ni eebbifamu" jedha. <sup>9</sup>kanaaf, warri amantii Abraham keessaan eebbifamoodha. <sup>10</sup>Warri hojii seeraa irratti hirkatan hundumtuu abaaramoodha. Akkas jedhamees caafameera, "Namni waan waan macaafa seeraa keessatti caafamee jirutti hin jiraannee hojii irraa hin oolchine abaaramaadha" jedha. <sup>11</sup>Amma egaa akka eenu illee seeraa fuula Waaqayyoo duratti hin qullaa'in beekamaadha; sababiin isaas "qajeelaan amantiidhaan jiraata" <sup>12</sup>Garuu, seerri kan amantii miti, qooda isaa, "Namni hojii seeraa hojjetu isumattis haa jiraatu" <sup>13</sup>Yesuus abaarsa seeraa irraa ofii isaaf abaaramaa ta'ee nu furel "Muka irratti kan rarraafame hundumtuus abaaramaadha" jedhamee caafameera. <sup>14</sup>Akka eebbi Abrahama karaa Yesuus kiristoos gara warra ormootaa dhufuuf; akaknuti amantiidhaan waadaa hafuurichaa fudhannuuf. <sup>15</sup>Yaa obbolootaa, jecha namaan isiniti dubbadha. Yeroo tokko seerri inni namma qophaa'e taa'eera. Namni kan iyyu isa dhiisuu yookaan itti dabaluu hin danda'u. <sup>16</sup>Egaa waadaan sun Abrahmiif fi ijomlee isaatti dubbatameera, inni baay'ee argisiisee "ijjolleedhaan" hin jedhu, garuu qooda isaa anaan jedha; "akkasuma ilma keetiin" innis Yesuus. <sup>17</sup>Egaa ani amma akkas jechaan jira, seerri inni waggota 430 booda dhufe, waadaa isa Waaqayyo dursee kaa'e hin hambisu, waadicha bakkaan ga'uudhaaf. <sup>18</sup>Utuu dhaallii seeraan argama ta'ee, kakuudhaan argamuu hin dadna'u ture. Waaqayyo garuu akkasumaan tola Abrahmiif kenne. <sup>19</sup>Egaa kaayyoon seeraa maaliree? Sababii irra daddarbaaf itt dabalam, hanga ilmi Abraham inni waa'ee isaf kakatame dhufutu. Seerichis karaa ergamootaa muudame, karaa harka warra gidduu jiran. <sup>20</sup>Warri gidduu jiran, lakkofsa hedduu tokko ol argisiisa. Waaqayyo garuu tokkicha. <sup>21</sup>Kanaaf seerri kakuu sanaan ni mormaaree? Tasa hin mormu! Seerri utuu jirenya kennuudhaaf kennameera ta'ee, qajaalummaan sirriitti seera keessan ni argama ture. <sup>22</sup>Caaffatni qulqulla'aan garuu waan hundumaa cubbuu jalatti hidhe, kana immoo kakuun inni amantiidhaan Yesuus keessatti jiru namoota hundumaaf akka kennamuuf. <sup>23</sup>Amma, utuu amantiin hin dhufin dura, nuti seera jalatti garboota turre; hanga amantiin mul'atutti hidhamnee turre. <sup>24</sup>Kanaaf hanga Yesuus dhufutti, seerri eegaa keenya ture, akka amantiidhaan qulloofnuuf. <sup>25</sup>Amma garuu amantiin dhufeera, amma kana booda eeguma jala jirru. <sup>26</sup>Hundumti keessan amantiidhaan Kiristoos Yesuus keessatti ijomlee Waaqayyoo waan taataniif. <sup>27</sup>Baay'een keessan warri Kiristoossitti cuuphamtan, Kiristoosiin uffattaniittu. <sup>28</sup>Yihudoo yookaan Girikiin hin jiru, garba yookaan birmadduun hin jiru, dhiira yookaan shamarran hin jiru. Isin hundumti keessan Kiristoos Yesuus keessatti tokko. <sup>29</sup>egaa isin yoo kan Kiristoos taatan, isin ijomlee Abrahamu, akka kakichaatti isin dhaaltota.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Anis kanan jira, dhaltuun sun mucaa amma ta'etti garbicha irraa adda miti, yoodhuma guutummaan biyyaatti kan isaa ta'e illee. <sup>2</sup>Inni hanga guyyaa isa abbaa isaatiin kaa'ameetti warra isa guddisanii fi geggeessan jala jira. <sup>3</sup>Akkasuma, nuti yeroo mucaa turre, barumsa isa kan biyya lafaatiif garboota turre. <sup>4</sup>Garuu yeroo yeroo isaa ga'etti, Waaqayyo ilma isaa erge, isa dubartii irraa dhalate, isa seera jalatti dhalate. <sup>5</sup>Inni akka inni warra seera jala jiran furuuf, akka nuti ilmaan guddifataa isaa argannuuf. <sup>6</sup>Sabii isin ilmaa isaa taataniif, Waaqayyo hafuura ilma isaa gara garaa keenyaatti erge. Isa "abbaa, abbaa" jedhee iyyu. <sup>7</sup>Kanaaf, isin kana booda garba miti, ilma malee, akkasuma isin Waaqayyoo keessaan dhaaltotas. <sup>8</sup>Yeroo sana garuu, utuu Waaqayyoon hiin beekin, warra aboo uumamaa qabaniif garboota turtan, warra waaqa dhugaa hin ta'iniif. <sup>9</sup>Amma garuu gara Waaqayyoon beekuutti dhuftaniittu; akkamitti gara isa dadhabaa fi waa'ee hin baafne barumsa biyya lafaatti deebituree? Amma irra deebitanii garboota ta'uu ni barbaadduu?<sup>10</sup> Isin guyyoota, baatiwwan haaraa, waqtii fi waggoota ni ilaaltu! <sup>11</sup>Waanan akkasumaan isiniti dadhabe anatti fakkaatee isiniif sodaadha.<sup>12</sup>Isin obboloota keessan ni kadhattu, akka koo ta'aa, anisakkuma keessan akkan ta'e. isin homaa anatti hin balleessine. <sup>13</sup>Garuu, sababii inni dhukkuba foonii, isa yeroo jalqabaaf ani wangeela isinitti lalalbe akka ta'e ni beektu. <sup>14</sup>Yoodhuma haalli qaama kootii isin qore illee, isin ana hin tuffane yookaan ana hin dhiifne. Qooda isaa, akka waanan ergaa Waaqayyoo ta'eetti ana simattan; akkuma waanan ofikootii Kiristoos Yesuus ta'eetti.<sup>15</sup>Egaa eebbiik keessan sun eessa jiraree? Akkuman dhugaa isnitti ba'e, utuu hin dandaa'ama ta'ee, ija ofii keessanii baaftanii anaaf kennitu turtan.

<sup>16</sup>Kanaaf, waanan dhugaa isinitti himaa jiruufan duuna keessan ta'eeree?<sup>17</sup>Isaan isin irratti m'uun barbaadu, garuu immoo waan gaariidhaaf miti. Isaan akka isin isaaniif hinaftanii isinitti iyyu. <sup>18</sup>Yeroo hundumaa waan gaariif hinaafuun gaariidha. Yeroo ani isin bira jiru qodaa miti.<sup>19</sup> Ilmaan koo warra xixiqqo, ani akka isin warra isa irraa dhalatan taatanii fi kiristoos isin keessatti uumamuttin dhiphataa jira. <sup>20</sup>Amma utuun isinii wajjin ta'ee qooqa koo jijiiree nan jaal'adhan ture, sababiin isaa bitaa anatti galeera.<sup>21</sup> Anatti himaa, warri seera jalatti buluu feetan, seera hin dhaggeeffattanii?<sup>22</sup>Akka Abraham ilmaa lama qaba ture, tokko dubartii ishee garbitti irraa, tokko immoo dubartii ishee walabaa irraa.<sup>23</sup>Tokko dubartii ishee garbitti irraa fooniin dhalate, inni tokko immoo dubartii ishee bilisaa irraa, kakuudhaan keessan dhalate.<sup>24</sup> Isaan kun akka fakkeinyaatti hiikamuu ni danda'u. dubartoonni kun lamaan waan kakuu lama bakka bu'aniif. Keessa inni tokko tulluu siinaatti yeroo ta'u, garbummaafis ijoollota deessi, isheen Aggaari.<sup>25</sup>Aggaar amma, Biiya Arabaa keessa tulluu Sinaa bakka nuuti, Yerusaale ishee har'aa bakka buuti; ijoolle ishee wajjin garbummaatti waan jirtuuf.<sup>26</sup> Garuu, Yerusaalem inni gubbaa jiru walaba, isheen haadha keenyas.<sup>27</sup>akkas jedhamees barreeffamee waan jiruuf, "Gammadi, ati isheen dhabduun dhala godhachuu hin dandeenye;Iyyi, ililchis, ati isheen dhiphina da'umsaa hin argin,Sababiin isaa dubartoota abbaa manaa qabanii caalaa kan warra abbaa manaa hin qabnee baay'ataniiru."<sup>28</sup> Isin garuu yaa obbolootaa, akkuma Ysiyaaq ijoolle kakuuti.<sup>29</sup>Yeroo sana inni akka fooniitti dhalate isa akka hafuuraatti dhalate ari'ate. Ammas akkasuma.<sup>30</sup>Garuu caaffatni qulqullaan immoo maal jedha? "dubartii ishee garbitti fi ilma ishee ari'i. ilmi dubartii ishee garbitti kan ishee walabaa wajjin dhaala qoddachuu waan hin daneenyef"<sup>31</sup>Kanaaf, yaa obbolootaa, nuti ilmaan dubartii ishee garbitti miti, kan ishee walabaati malee.

## Chapter 5

<sup>1</sup> Yesuus inni walabaa, walaba waannu godheef. Jabaadhaa dhaabadhaa, kanaafis, ammas irra deebitanii harqota garbummaa jala of hin galchinaa.<sup>2</sup>Ilaalaa, ani Phaawulos, yoo kittaanamuuf ofi keessan keenntan, Kiristoos karaa kam iyyuu waa'ee isniif hin baasu.<sup>3</sup> ani amma irra deebi'een nama hundumaatti dhugaa ba'a isa kittaanamuu barbaadutti, akka inni guutummaa seeraaf abboomamuuf dirqamu. <sup>4</sup>Isin kiristoositti adda cittaniittu, warra seeraan qullaa'aniidhas; isin ka booda ayyaana amaleeffachuu hin dandeessani.<sup>5</sup> Hafuura keessaan, amantiidhaan, nuti hawwiidhaan abdii qajeelummaa eegganna. <sup>6</sup>Kiristoos Yesuus keessatti kitaanamuun yookaan kittaanamuu dhiisuun bu'aa hin qabu; garuu amantii qofaatu jaalala keessaan hojjeta. <sup>7</sup>Isin gaarii fiigaa turtan. Akka isin dhugaaf hin abboomamneef eenyutyu isin abboomeree? <sup>8</sup>Inni isin amantan kun isa isin waame biraan hin dhufne!<sup>9</sup> Raacitiin xiqqoon guutummaa bukoo dhangaggeessiti. <sup>10</sup>Ani gooftaatti ija jabina qaba, akka isin waan adda ta'e hin yaadne. Inni isin rakkisaajiru, firidicha ni argatu, eenu illee yoo ta'e.<sup>11</sup>Yaa obbolootaa, yoon amma iyyuu kittaanamuu labsaan jira ta'e, maaliifan itti fufee ari'ataree? Yoo fannoon kiristoos namatti gufuu ta'uun isaa hin oolu ture. <sup>12</sup>Warra isim jeeqaa jiraniif, utuu xu'aashii ofi isaanii godhanii isaaniif warra ture.<sup>13</sup> Yaa obbolootaa, Isin waan walabummaatti wamamtani. Walabummaa argattan kanas akak carraa fooniitif itti hin gargaaraminaa. Qooda isaa, jaalalaan walii keessan tajaajilaa. <sup>14</sup>guutummaan seeraa jecha tokkoon waan guutuu ta'uuf, "Ati akka ofi keetti oolla kee jaal'achuu qabd." <sup>15</sup>Garuu yoo cicciintanii walii keessan nyaattan, akka nyaattanii wal hin fixnetti of eeggadhaa.<sup>16</sup> Ani garuu, hafuuraan deddeebi'aa, fedha fooniis hin baattanii. <sup>17</sup>Fedhiin foonii faallaa hafuuraa waan ta'eef, fedhiin hafuuraa immoo fallaa fooniiti. Warra waliin morman kanaaf, waan barbaaddu gochuufi waan hin dandeenyef. <sup>18</sup>Garuu yoo hafuuraan geggeeffamtan, seera jala hin jirtan.<sup>19</sup> Egaa hojiin foonii ifaadha. Sagaagalummaa, xuraa'ummaa, miirummaa.<sup>20</sup>waaqa tolfamaa waaqessuu, xibaara, walitti bu'uu, lola, hinaaffaa, iyyaa dheekkamsaa, dorgommee, wal-dhabuu, wal hiruu. <sup>21</sup>weennoo, machii, albaadhummataa fi waan kana fakkaatus. Sin akekkachiisa; akkuman duraan si akekkachiise. Warri waan akkasii shaakalan mootummaa Waaqayyoo hin dhaalani.<sup>22</sup> Iji hafuuraa garuu, jaalala, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amantii,<sup>23</sup>garraamummaa fi of to'achuudha. Seerri isaan kanaan mormu hin jiru. <sup>24</sup>Warri kan Yesuus Kiristoos ta'an immoo fedhaa fi hawwa foonii fannisaniiru.<sup>25</sup> Yoo amantiidhaan jiraanne, hafuuraanis haa deddeebinu. <sup>26</sup>Warra of tuultota hin taanu, walitti naqxuu, walitti hinaftuus hin taanu.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Obbolootaa, namni tokko irra daddarbaa kamiin iyyuu yoo qabame, isin warri hafuuraan geggeeffa garraamumma hafuuraan isa deebisuutu isin irra jira. Waa'ee ofii keessaniif yaadaa, isinis akka hin qoramnetti.

<sup>2</sup>Ba'aa walii keessanii baadhaa, akka seerri kiristoos akka fiixaan ba'utti.<sup>3</sup>Namni tokko utuu homaa hin ta'in akka waa ta'eetti yaade, inni ofii isaa gowwomsa.<sup>4</sup>tokkoon tokkoo namaa hojii ofii isaatii qoree ilaaluutu irra jira; isa booda of tuuluun isaa ofii isaa keessa ta'a malee nama kan biraaj keessa miti.<sup>5</sup>Namni hundumtuu ba'aa mataa isaatii waan baatuuf.<sup>6</sup> Namni sagalicha barate, waan gaarii hundumaa nama isa barsiisaaf qooduutu irra jira.

<sup>7</sup>Hin gowwominaa. Waaqayyo itti hin qoosamu, namni waanuma dhaabe haammata.<sup>8</sup>Namni foon ofii isaatiaf sanyii facaasu, foon irraa badiisa ni haammata. Namni hafuura isaaaf sanyii facaasu, hafuura irraa jireenya bara baraa ni haammata.<sup>9</sup> Waan gaarii gochuutti hin dhiboofnu, yoo abdii hin kutannu ta'e, yeroo isa sirriitti waan haammannuuf.<sup>10</sup>kanaaf egaa, utuu carraa qabnuu, amoota hundumaaf gaarii haa goonu, keessumaa warra maatii amantii ta'aniif<sup>11</sup> Xalayaa dheeraa isa ani harka kootiin isiniif barreesse ilaalaa.<sup>12</sup>Warri qaamaan gaarii ta'uun barbaadan, akka isin kittaanamtan isin dirqisiisuu barbaadu. Isaan akka isin fannoo Kiristoos jettanii hin ari'atamneef kana godhu.<sup>13</sup>Warri ofii isaanii kitaanan illee seericha hin eegani, garuu akka isin kitaanamtan immoo ni barbaadu, akka isin waa'ee qaama keessaniif of tuultaniif.<sup>14</sup> Ani garuu, fannoo gooftaa Yesuus kiristoosiin malee tasa of hin jaju. Kara isa ittiin biyyi lafaa anaaf fannifamee, anis biyya lafaaf.<sup>15</sup>Kittaanamuunis, kittaanamuu dhiisuunis bu'aa hin buusu, garuu uumama haaraa ta'uutu bu'aa qaba.<sup>16</sup>Warra akkasitti adeeman hundumaaf, nagaa fi ararri isaan irratti haa ta'u, Waqaqayyo Isaraa'el irrattis.<sup>17</sup> Ammaa kaasee namni kam iyyuu ana hin rakkisin, ani qaama koo irratti mallattoo Yesuus baadheera.<sup>18</sup>Ayyaanni gooftaa Yesuus Kiristoos hafuura keessaanii wajjin haa ta'u. Ameen.

## Ephesians

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawuloos isa eyyama Waaqayyootiin ergamaa Kiristoos Iyyasuus ta'e irraa, gara qulqullota Kiristoos Iyyasuuusitti amantanii Epheesoon keessa jiraattaniif.<sup>2</sup>Abbaa keenya Waaqayyoo fi Gooftaa Iyyasuus Kiristoos irraa ayyaanii fi negeenyi isiniif haa ta'u<sup>3</sup>Waaqnii fi Abbaan Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos inni karaa Kiristoosiin eeba hafuuraa hundaan samii irratti nu eebbise sun haa eebbifamu.<sup>4</sup>Inni akka nuti fuuldura isattii qulqullootaa fi warra cubbu hin qabne taanuuuf otoo addunyaan hin uumamiiniin dura karaa Iyyasuus Kiristoosiin nu filateera.<sup>5</sup>Akkuma kaayyoo eyyama isattis akka nuti karaa Iyyasuus Kiristoositiin ilmaan isaa taanuuuf duraan dursee jaalalaan murteesesse.<sup>6</sup>Kunis bu'aan ulfinni ayyanaa isaa kan inni karaa ilma isaa isaa jaalatamaa sanaatiin tolumaan nuu kenne sun akka galateeffamuuifi dha.<sup>7</sup>Nutis Iyyasuus Kiristoosiin akkuma badhaadhummaa ayyanaa Waaqayyootiin karaa dhiiga Iyyasuusiin furamaa fi dhiifama cubbuu argannerra.<sup>8</sup>Innis ayyanaa isaa qaroomaa fi hubbanna hundaan nuu baay'ise.<sup>9</sup>Innis akka nuti iccitii eyyama isa kan akka yaada isaa isa gaarii inni karaa kiristoositiin hojjachuu barbaade sana beeknu godhe.<sup>10</sup>Kunis ilaalcha tokkoon akka karoora yammuu yeroon gahee guutamamu waan hunda tokkummaadhaan waan samii irra jiruu fi waan lafa irra jiru hunda, mataa tokko, Kiristoosilee, fiduudhaafi.<sup>11</sup>Nutis akkuma karoora isa waan hundaan akka kaayyoo eyyama isattii hojjatu sanaatti duraan durfamnee murteeffamneef karaa Kiristoosiin dhaala argannerra.<sup>12</sup>Sababni Waaqayyoo nu filateef nuti warri Kiristoos abdachuutti kanneen jalqaba taane akka galata ulfinaa isaa taanuufiidha.<sup>13</sup>Isinis yeroo dubbi dhugaa, inni wangeela fayyina keessani dhageessan, isattis amanuun, achiin chaappaa Hafuura Qulqulluu isa abdii kennemeetiin chaappeffamtanii jirtu.<sup>14</sup>Kunis hanga warri kan Waaqayyoo ta'an galata ulfina isaanitiif furamanitti qabdii dhaala keenyaa nuuf mirkaneesuudha.<sup>15</sup>Sababa kanaafis ani yammuu waa'ee amantii isin Gooftaa Iyyasuuusitti qabdaniif fi jaalala isin qulqullootaa hundaaf qabdan dhagayee jalqabee,<sup>16</sup>kadhanna koo keessatti isin yaadachaa waa'ee keessannif waaqayyo galateeffachuu hin dhaabne.<sup>17</sup>Abbaa ulfinaa kan ta'e Waaqa Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos akka isin isaa beektaniif hafuura qaroomaatiif muldhina akka isiniif kennuu nan kadhadha.<sup>18</sup>Akkasumas abdiin inni ittiin isin waame sun maal akka ta'e badhaadhummaan dhaal qulqullootaa ulfina qabeessisun maal akka ta'e akka beektaniif iji laphee (onnee) keessanii akka banamuuf Waaqayyon kadhadha.<sup>19</sup>Humni isaa inni nu warra amanu keessatti hojjatu ammam guddaa akka ta'e akka beektaniifis nan kadhadha. Humni sunis isuma Waaqayyo yammuu akkaataa hojii jabeenya humna isatii.<sup>20</sup>Kunis akkuma Kiristoosiin warra du'an keessaa kaasee samii

irratti mirga ofii teessise sana muldhisee dha.<sup>21</sup>Innis Kiristoos ol-aantummaa, aangoo, humna, gooftummaa hundaa fi bara ammaa qpfa otoo hin ta'iin bara isa dhufuuf jiru keessattis maqaa kennamuu hundaa olitti mirga ofii teessise.<sup>22</sup>Waaqayyos waan hunda miila Kiristoos jala galche; waldaaf isa kennuun mataa waan hundaa godhee isa muude.<sup>23</sup>Waldaan nafa (qaama) isaatiidha, ishinis guutummaa isaa kan inni waan hundaan karaa hundaan guutee dha.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Akkaasuma isinakkuma yakka keessanii fi cubbuu keessaniin duutanii turtan. <sup>2</sup>Kunis isuma isin yeroo akka jireenya addunyaa kanaatii fi akka bulchaa mootummaa qillensaatti, akka hafuura amma warra ilmaan isaan hin ajajamne keessatti hojjataa jiruuttis jiraachaa turanii dha. <sup>3</sup>Nuti hundi keenya bara darbe tokko keessa foon keenya guutuu, hawwii fi yaada isaa hordofaa isaan jidduu jiraanneerra: uumama keenyaanis akkuma; warra namoota kaanii ilmaan dheekkamsaa jala turreerra. <sup>4</sup>Garuu Waaqni inni araaraan dureessaa sun sababa jaalala guddaa nuu qabuufidha. <sup>5</sup>Yeroo nuuti yakka keenyaan duunee turrellee Kiristoos waliin nu jiraachisee, isinis ayyanaan fayyitan. <sup>6</sup>Waaqayyoos Kiristoos waliin du'aa nu kaasuun Waaqayyoo Kiristoos Iyyasuusii waliin bakka samii keessa nu godhee jira. <sup>7</sup>Waan kana ta'eef bara dhufuuf jiru keessa badhaadhummaa ayyana isaa baay'ee guddaa madaala hin qabne sana arjummaa karaa Kiristoos Iyyasuusiin nuuf qabuu nutti agarsiisuuf jedhee waan kana godhe. <sup>8</sup>Kanaafuu isinis ayyanaa karaa amantii ta'een fayyitanii jirtu, kunis kenna Waaqayyooti dha malee, hojii keessaniin miti. <sup>9</sup>Akka namni tokko illee of hin jajne, hojiidhaan miti. <sup>10</sup>Sababa nutti hojii harka Waaqayyoo, akka hojii gaarii hojjanuuf Kiristoos Iyyasuus keessatti uumamne isa Waaqayyoo yeroo dheeraan dura nuuf karoorsee fi akkasuma nutis isaaniin adeemuu qabna. <sup>11</sup>Kanaafuu isin warri kanaan dura fooniin namoota ormaa turtan. Isin warrii isaan fooniin harka namaatiin 'kittanamne' jedhamanii waamamanii 'hin kittaanamne' jedhamtanii waamamtan waan sana yaadadhaa. <sup>12</sup>Isin warrii yeroo sana Kiristoos irraa gar-gar baatanii, lammuummaa Israa'eel irraa fagaattanii, kakuu waadaatiifis keessummoota taatanii, abdii otoo hin qabaatiiniif Waaqa malee addunyaa keessa jiraattan. <sup>13</sup>Amma garuu isin warri dura Waaqayyoo irraa fagoo turtan karaa kiristoosin Iyyasuusin, dhiiga Kiristoosiin dhiyaattanii jirtu. <sup>14</sup>Waan inni ofuuma isaatiin nagaa keenyaadha, girdidaa lolaa isa gargar nu baasuu foon saatiin dhiiguun lamaanuu tokko godhe. <sup>15</sup>Innis seera ajajaa fi sirna isaa waliin foon ofii isaatiin walcinnaa (bukkee)tti cabseera, kaayyoon isasisaan lamaan keessa ofuma isaatiin nama haaraa tokko uumee, nagaa gochuufi dha. <sup>16</sup>Kiristoos saboota lachuu karaa fannoo isaatiin walitti araarsee Waaqayyoof qaama tokko gochuuf jaalalaan du'atti of kenne. <sup>17</sup>Iyyasuusis dhufee isin warra fagoo turtaniif nagaa, isaan warra dhiyoo turaniifis naga lallabe. <sup>18</sup>Karaa Iyyasuusiin nuti lachuu Hafuura tokko sanaan Abbaa bira gahuuf dandeettii qabna. <sup>19</sup>Kanaafuu, ammaa isin warri ormaa kanaan achi, saba qulqullota Waaqayyoo waliin lammii fi miseensota maatii Waaqayyooti malee alagootaa fi keessummoota miti. <sup>20</sup>Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti hundeeffamtanii ijaaramtaniirtu, Kiristoos Iyyasuusiis ofiisaatiin dhagaa golee (kallattii) dha. <sup>21</sup>Isa irratti ijaarsi sun hundi tokkummaa walqabatee akka mana qulqullummaa Gooftaatti guddata. <sup>22</sup>Isinis immoo isaan mana Waaqayyoo Hafuuraan isin keessa jiraatu taatanii tokkummaan ijaaramaa jirtu.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Sababa kanaaf ani Phaawuloos isin warra ormaatiif jedhee hidhama Kiristoos Iyyasuusis. <sup>2</sup>Ani isin waayee ayyaana Waaqayyoo kan isiniif jedhamee natti kennname sana waan dhageessan nati fakkaata. <sup>3</sup>Akkuma kanaan dura ani gabaabse isiniif barreessee; ibsetti icciitii muldhataatiin natti beekamu godheera. <sup>4</sup>Yammuu waan kana isinis dubbiftan akkan ani waayee icciitii Kiristoos beekumsa qabu hubachuu ni dandessu. <sup>5</sup>Icciitiin kunis dhaloota biroo keessatti ilmaan namootaatiif hin beekamne ture. Amma garu Hafuuraan ergamootaa fi raajota isaatiif muldhateera. <sup>6</sup>Dhugaan dhoksaan kunis namootni ormaa karaa wangeelaatiin Kiristoos Iyyasuus keessatti akka dhaala fi miseensummaa qaamaa keessatti tokkummaa qabaataniifi akka isaan abdii qoodataniifi dha. <sup>7</sup>Ani karaa ayyaana Waaqayyoo kan karaa hojii humna isaatiin na kennnameen tajaajilaa wangeela kanaa ta'eera. <sup>8</sup>Anaaf yoodhuman qulqulloota hundaa gad ta'ellee akka badhaadhina Kiristoos isa dhuma hin qabnee sana namoota ormaatiif lallabuu ayyaani kun naa kennmeera, <sup>9</sup>akkasumas karoorrii iccittii dhoksaan baroota dheeraaf Waaqayyoo isa waan hunda uumee keessaati ifa namoota hunda fiduufi. <sup>10</sup>Kaayyoon kunis karaa waldaatiin akka beekamuu godhee akka bulchoonii fi aangoo qabeeyyiin samii irra jiraatan qarooma Waaqayyoo isa dachaa baay'ee ta'e akka beekanifi dha. <sup>11</sup>Kunis akkuma kaayyoo bara baraa isa inni karaa Gooftaa keenya Kiristoos Iyyasuus raawwate sanaati. <sup>12</sup>Kanaaf nutis Kiristoosiin sababa amantii keenyaatiin bilisummaa fi ija jabummaa waliin ga'uumsa qabna. <sup>13</sup>Kanaafu sababa raafaman (dhiphanan) isiniif jecha ana irra gahuu isa ulfina keessaniidhaa jettanii akka hin jegamne isiniin gaafadha. <sup>14</sup>Sababa kanaaf ani Abbaa fulduratti nan jilbeefadha <sup>15</sup>isa maatiin hundumtuu warri samii fi lafa irraa maqaa isaanii argatanii dha. <sup>16</sup>Akkuma badhaadhummaa ulfina isaatti karaa Hafuura isaatiin akka eenyummaan keessan inni keessa humnaan jebaatuuf akka isin gargaaruu nan gaafadha. <sup>17</sup>Ani akka Kiristoos karaa amantiitiin onnee keessan keessa akka jiraatuuf fi isinis akka jaalalaan hidda faggeeffatanii dhaabatanii fi hundeffamtan nan gaafadha. <sup>18</sup>Sanumaafuu isinis saba qulqullota Waaqayyoo waliin baldhinni, dheeriinni, of-fageenyii fi gadi- fageenyii hagam (ammam) ta'u isaa akka hubattaniifi, <sup>19</sup>akkasumas akka guutummaa Waaqayyoo hundaan guutamtanii fi jaalala Kiristoos kan beekumsa ol ta'e sana akka beektanii fidha. <sup>20</sup>Ammas isaaf isa humna isaa sana kan nu keessatti hojjatu sanaan amma nuti gaafannu yookiin yaadnu irraa baay'ee olfagoo hojjachuu danda'u, <sup>21</sup>isaaf dhallootni hundi baraa hanga baraatti waldaa keessatti karaa Kiristoos Iyyasuusin ulfinni isaaf haa ta'u, Ameen!

## Chapter 4

<sup>1</sup>Ani, kanaafuu, akka nama Gooftaadhaaf jedhee hidhameetti, akka isin waamicha itti waamamtani sanaaf akka barbaachisutti jiraataniif isinin kadhadha. <sup>2</sup>Ani akka isin gadi of-qabummaa guddaan, garaamummaan, obsaan, jaalala waldanda'uu tokko qabaachuun isiniin kadhadha. <sup>3</sup>Hidhaa nageenyatiin tokkummaa Hafuura, eeguuf waan dandeessan godhaa. <sup>4</sup>Akkuma yeroo waamamtan gara abdii tokkoottj waamamtan sana, qaama (nafa) tokkoo fi Hafuura tokkotu jira. <sup>5</sup>Akkumas Gooftaa tokko, amantii tokkoo fi Hafuura tokkotu jira, <sup>6</sup>Waaqnii fi Abbaan hundaa, inni waan hundaa ol-ra'e, waan hunda keessatti kan hojjattuu fi kan waan hunda keessa jiru tokkichaatu jira. <sup>7</sup>Tokko, tokkoo keenyaaf akkuma Kiristoos safaree kennetti ayyaanni nuu kennemeera, <sup>8</sup>akkuma kitaaba keessatti jedhametti "Yammuu inni gara olitti ol bayetti, inni inni booji'amtoota boojii keessa baasee qajeelchuun, namootaafis kenna kenne" <sup>9</sup>Egaa "Inni ol-baye" jechuu isa gara lafaatti gad-bu'ee ture jechuu yoo ta'e malee maal jechuudha ree? <sup>10</sup>Inni gad bu'e sun isuma waan hunda guutuuf jedhee samiiwwan hundaa olitti ol baheedha. <sup>11</sup>Kiristoosis namootni tokko tokko akka ergamoota ta'an, kanis akka raajota, kanis akka lallaboota wangeelaa ta'anii fi kanis luboota (tikistootaa) fi barsiisota ta'aniif kenne. <sup>12</sup>Kunis akka qaamni (nafti) Kiristoos ijaaramuuf saba qulqullota Waaqayyoo hojji tajaajilaaf qopheesuuf jedhee godhe. <sup>13</sup>Kunis hanga nuti hundi keenya tokkummaa amantii ci beekumsa Ilma Waaqayyoo geenyuutti, kanaafuuus nuti bilchaachuun guutummaa safara Kiristoos bira geenyuutti ta'uudha. <sup>14</sup>Kiristoos kan nu ijaaruuf akka nutti kanaa booda ijoollee qilleensa bishaaniitiin gara duraa fi dubatti darbatamuudhaan kanneen bubbee barsiisa gosa hundaatiin maltummaa fi jallinna mala namoota gowwoomsitootaatiin asif achi raafamanii hin taaneefi dha. <sup>15</sup>Karaa bira, jaalalaan dhugaa dubbachaa gara isaa isa mataa ta'e sanaatti waan hundaan guddachuu qabna; innis Kiristoos dha. <sup>16</sup>Kiristoos kutaalee qaamaa (nafa) guutummaatti ijaaruun, ribuudhaan walqabsiisee hidhuun yammuu kutaaleen nafaa (qaamaa) sun hundi hojji isaa ii waliin hojjatan, sun akka qaamnu guddatu godha kanaafuuus immoo jaalalaan of ijaara. <sup>17</sup>Kanaafuu ani waan kana maqaa Gooftaatiniis isinitti hima, imaanaas jabeessee jedha, isin kanaan booda akka warri ormaa yaada isaanii isaa faayidaa hin qabne sanaan adeemanitti akka hin adeemneef. <sup>18</sup>Sababa laphee (onnee) jabummaa isaaniitiin waan hubbannaah dhabaniif wallaalummaan isaan keessa jira, kanaafuu jirenya Waaqayyoo irraa addaan bahaniru. <sup>19</sup>Isaanis waan qalbiin isaanii adoodeef hanga xuraa'ummaa waan hunda keessa galuun goche badaatti gad of-kennanii jiru. <sup>20</sup>Garuu sun akkaataa kanaan isin Kiristoos hin barre. <sup>21</sup>Akkan ani yaadutti akka dhugaan Iyyasuus keessa jiru isin waa'ee isaa dhageessanii jirtu, isaanis barattanii jirtu. <sup>22</sup>Sababa hawii isa gowwoomuutiin jirenya eenyummaa keessan isa moofaa dura keessa jiraattan isa xuraawwaa sanaakkataa of irraa baaftan barattanii jirtu. <sup>23</sup>Isinis hafuura sammuu keessaniitiin akka haaromtan barattaniiirtu, <sup>24</sup>namumma haaraa isa qajeelaa fi qulqullu dhugaatiin fakkeenyaa Waaqayyootiin uumme uffadhaa. <sup>25</sup>Kanaafuu nuti waan miseensa qaama (nafa) tokko taaneef hundi keessan saba of keessaa baasaatii mee tokko tokkoon keessan olla isaa waliin dhugaa dubbashaa. <sup>26</sup>Dallanaa malee garuu cubbuu hin hojjatiinaa. Dallansuu keessanitti aduun hin lixiin. <sup>27</sup>Daabiloosiifis carraa hin kenniinaa. <sup>28</sup>Namni inni kanaan dura hataa ture kanaan booda hin hatiin. Siriidhumaa akka warra rakkatanii gargaarsa barbaachisuu fi akka gargaaruu danda'uuf waan gaarii ta'e harka ofitiin haa hojjatu. <sup>29</sup>Dubbiin (haasaan) nama midhu afaan keessan keessaa hin bahiin. Jechoota isaan gaarii ta'anii isaan barbaadaniif ijaaruu qofa dubbashaa, yoos warra dhaggeeffataniif ayyaana kenna. <sup>30</sup>Hafuura Qulqulluu Waaqayyoo kan ittiin guyyaa fayyinaatiif chaappeffamtan sana hin gaddisiisiinaa. <sup>31</sup>Hadhina hunda, dallansuu, aarii, lolaa arabsuu fi wantoota badaa ta'an hunda waliin ofi irraa fageessaa. <sup>32</sup>Akkuma Waaqayyoo Kiristoosiin dhifama isiniif godhe, isinis dhifama waliif godha, arjootaa fi garalaafotaas waliin ta'aa.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Kanaafuu akkuma ijoollee jaalatamootti Waaqa kan fakkaattan ta'aa. <sup>2</sup>Akkuma Kiristoos waan nu jaalateef nuuf jedhee mataa isaa kenna urgaa'aa fi aarsaa godhee Waaqayyotti ol kenne sana isinis jaalalaan jiraadhaa. <sup>3</sup>Garuu sagaagalummaa fi yookiin xuraawummaa gosa kamiittiyuu yookiin sassatummaan gonkumaa jidduu keessanitii hin dhaga'amiiniyyuu, wantootni kun qulqulloota Waaqayyoo biratti kan hin barbaqchifnee dha.

<sup>4</sup>Gallateeffachuu malee haasaan faayidaa hin qabne, fi dubbiin badaan fi qoosaan inni hin barbaachifne hundi jidduu keessan hinjiraatiin. <sup>5</sup>Namni sagaagalu yookin xuraa'umni, yookin sassatuun, sunis Waaqa tolfamoo kan waaqeffatan akka mootummaa Kiristoosii fi Waaqayyoo keessaa dhaala tokkollee hin qabne isinuu ni beektu.

<sup>6</sup>Sababa waan kanaaf dallansuun Waaqayyoo warra hin ajajamne irratti dhufuuf namni kamiyuu dubbii faayidaa hin qabneen hin gowwoomiin. <sup>7</sup>Kanaafuu isaan waliin gonkumaa wal hin qunnamiiinaa. <sup>8</sup>Isin kanaan dura dukkan turtanii, amma garuu Gooftaadhaan ifa dha. Kanaafuu akka ilmaan ifaatti deddebi'aa. <sup>9</sup>(Firiin ifaa gaarummaa, qajeelummaa fi dhugaa hunda keessatti argama,) <sup>10</sup>waan Gooftaa gammachisuus qoraatti mirkanoeffadhaa. <sup>11</sup>Hojii dukkan homaa firii hin qabne saaxilaa malee waliin hin hirmaatiinnaa. <sup>12</sup>Waan isaan dhooksaatti godhan dubbachuun illee qaanii dha. <sup>13</sup>Garuu yammuu waanti hunduu ifatti bahu; gara muldhachuutti dhufa. <sup>14</sup>Wantii hunda akka muldhatu kan godhu ifaadha. Kanaafuuakkana jedhe. "Ati, inni raftu dammaqi, du'a keessaas ka'i Kiristoosis sii ibsaa." <sup>15</sup>Isin akkamitti akka deddeebitan of eegadhaa, akka warra qaroomaniitti malee akka warra hin qaroomneetti hin deddebi'inaa. <sup>16</sup>Guyyoonni kunis badaa waan ta'aniif bara kana oolchaa. <sup>17</sup>Kanaafuu eyyamni Gooftaa maal akka ta'e hubadha malee gowwoota hin ta'iinaa. <sup>18</sup>Daadhii wayinii isa gara yaada xifaafireetti nama qahelchu dhuguun hin machaayinnaa, Hafuura Qulqulluutiin guutamaa malee. <sup>19</sup>Faarfanaadhaan faarfachaa fi weedduu fi faaruu hafuuraatiin tokko tokkoon keessan waliin haasayaa, onnee keessan keessaas Gooftaadhaa faaruu qooqa gaariin weeddisaaf. <sup>20</sup>Yeroo hunda waan hundaaf maqaa Gooftaa Iyyasuus Kiristoosiin Waaqa Abbaaf galata kennaa. <sup>21</sup>Kabaja Kiristoosiif qabdaniin wal kabajaa. <sup>22</sup>Haati manootni, akkuma Gooftaa kabajitanitti abbaa manaa keessanis kabajaa. <sup>23</sup>Akkumaa Kiristoos qaama (nafa) isaa fayyisuuf mataa waldaa ta'e, akkasuma abbaan manaa mataa haadha manatii dha. <sup>24</sup>Garuu akkuma waldaan Kiristoosiif of kennitee ajajamtu, akkasuma haatii manaa karaadhuma hundaan abbaa manaa isaanitiif ta'u.

<sup>25</sup>Yaa abbaa manootaa, akkuma Kiristoos waldaa jaalatee mataa isas isheef of kenne, haadha manoota keessan jaaladhaa. <sup>26</sup>Kanaafuu innis karaa dubbii isaatii fi bisaaniin ishee dhiquee qulqulleessuun, <sup>27</sup>akkasuma waldaanis xuri fuula ishii fi waan akkanaa tokkollee hin qabnee fi qulqulluu hirdhina hin qabnee godhe ulfinaan of dura ishii dhaabuuf jedhee waantoota kanneen hunda godhe. <sup>28</sup>Karaadhuma kana fakkaatuun abbaa manootaaas haadha manoota isaanii akkuma qaama(nafa) ofii isaanitti jaalachuu qabu, namni inni haadha manaa isaa jaalatu of jaalata. <sup>29</sup>Enyumtuu foon ofii nyaachisu fi kunuunsuu malee akka hin jibbine, akkasumatti Kiristoosis waldaa isatiif nyaachisa, kunuunsasa. <sup>30</sup>Sababnis nuti miseensota qaama isatiif dha. <sup>31</sup>Waan kana ta'eef namni abbaa fi haadha isaa dhisee haadha manaa isaanitti maxana, isaan lamaanuuus foon tokko ta'u. <sup>32</sup>Kun iccitiin dhugaa kun yaaddaadha, ani garuu waa'ee Kiristoosii fi waa'ee waldaan dubbadha. <sup>33</sup>Haa ta'uutii, isin tokko tokkoon keessanis akkasuma haadha manaa ofi akka mataa isatiif haa jaalatu, haati manaa abbaa manaa ishii haa kabajju.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Yaa ijoollee, Gooftaaf jedhaatii abbaa fi haadha keessanii ajajamaa, kun sirriidha. <sup>2</sup>(Ajajini waadaa waliinii inni duraa) "Abbaa fi haadha kee ulfeessi" dha, <sup>3</sup>kanaafuu akka gaarummaan si waliin ta'u fi akka lafa irratti urmii dheeraa jiraattuufi" dha. <sup>4</sup>Yaa abboota, ijollee keessan adaba siresuu fi barsiisun Gooftaan guddisaa malee hin dallansiisinaa. <sup>5</sup>Yaa garboota, akkuma Kiristoosiif ajajamtanitti gooftota keessan isaan biyya lafaatiifis kabajaa fi sodaan onnee qulqulluun ajajamaaf. <sup>6</sup>Iсаan gamachiisuuf jettanni yammuu gooftotni keessan isin argan qofa hin ajajamiinaa. Akka garboota Kiristoos, isa onnee satiin eyyama Waaqayyoo hojjateetti ajajamaaf malee. <sup>7</sup>Akka waan nama tajaajiltaniitti otoo hin ta'iin akka waan Gooftaa tajaajiltaniitti onnee guutuun tajaajilaa; <sup>8</sup>sababni isaas garba ta'ee yookin nama bilisaa namni waan gaarii hojjatu kamyuu akka Gooftaa bira badhaasa argatu ni beekna. <sup>9</sup>Yaa gooftootii, isinis garboota keessanii akkasuma godha, isinuu akka inni isaaniifis isiniifis Gooftaa ta'e sun samii keessa jiruu fi akka nama walcaalchisuun isa bira hin jirre waan beektaniif isaan hin miidhinaa.

<sup>10</sup>Dimshaashumatti (walitti qabaatti) Gooftaa fi humna isaa isa jabaat a'e sanaan cima. <sup>11</sup>Karoora daba daabiloosiin akka mormuu dandeessaniif mi'a (meeshaa) waraana Waaqayyoo guutummaan hidhadhaa.

<sup>12</sup>Waldhaansoon keenya foonii fi dhiga waliin otoo hin ta'iin, bulchitoota, angoo qabeeyyi, humnoota addunyaa dukkanaa kanaa fi humnoota hafuura hamaa kan akka samii irra jiran waliinii dha malee. <sup>13</sup>Kanaafuu akka yammuu guyyaan hamaan dhufu dhaabachuu dandeessaniif, waan kana hunda gochuun akka jabaattanii meeshaalee lolaa Waaqayyoo hundaa hidhadhaa. <sup>14</sup>Dhugaan mundhii keessan hidhadhaa, wantee qajeelinaas uffadhaatii jabaadhaatii dhaabadhaa. <sup>15</sup>Kophee isa wangeela nagaa irraa dhufuus miila keessanitti keewwadhaatti qophaa'atii dhaabadhaa. <sup>16</sup>Kallatti hunda irrattis gaachana amantii isa xiyya boba'aa hamaan sun darbatu hunda dhaamsuu dandeessan kaasaa. <sup>17</sup>Baarmexaa sibilaa isa fayyinaa kewwadhaa, goraadee Hafuraas qabadhaa, innis dubbi Waaqayyooti. <sup>18</sup>Kadhanna hundaa fi mata duree kadhanna waliin yeroo hunda Hafuraan kadhadaa. Bara dhumaan kanatti, yeroo hunda cimina hunda waliin damaqaa. <sup>19</sup>Yammuun ani afaan banee wangeela isa dhoksa dubbaadhu akkan sodaa malee muldhisuuf naa kadhadaa. <sup>20</sup>Wangeelli kunis isuman ani isaaf jedhee ambaasaadara ta'e sansalataan hidhameedha, kanaafuu anis amman danda'uutti ija jabeenyaanin dubbadha. <sup>21</sup>Tiikiqoos obollessi jaalatamaan fi amanamaan tajaajilaan Gooftaa waan hunda isinitti hima, kanaafuu, isinis waniin ani hojjachaa jiru ni beektu. <sup>22</sup>Akka isin akkamitti akka nuti jiruu beektaniif akka onnee keessan cimsuufis jecha sababa cimaa kanaa jedhee isa isiniif ergeera. <sup>23</sup>Waaqayyoo Abbaa fi Gooftaa Iyyasuus Kiristoos irraa nagaa fi jaalalli amantii waliin obbolootaaf haa ta'u. <sup>24</sup>Ayyaana warra isaan jaalala qulqullutiin Gooftaa Iyyasuus Kiristoos jaalatan hundaaf haa ta'u.

## Philippians

## Chapter 1

<sup>1</sup> Phaawulosii fi Ximotewos, hojjetoota Yesuus Kiristoos, Yesuus Kiristoos keessatti, qulqulloota hundumaa Filiphisiiyus keesa jiran hundumaaf. Ilaatotaa fi gargaartotaatis. <sup>2</sup>Ayyaannii fi nagaan Waaqayyoo abbaa keenyaa fi gooftaa Yesuus Kiristoos biraa isiniif haa ta'u. <sup>3</sup>Yeroo si yaadadhu hundumaa Waaqayyoon nan galateeffadha, <sup>4</sup>Yeroo hundumaa, kadhanna koo keessatti waa'ee keessan hundumaa, gammachuudhaan kadhanna koo gochaa. <sup>5</sup>Sababii isin jalqabaa kaafatanii hanga ammaatti wangeela keessatti hidhata koo taataniif. <sup>6</sup>ani waa'ee kanaaf baay'een ija ofitti amanamummaa qaba, inni hojji gaarii isin keessatti jalqabe, hanga guyyaa Yesuus Kiristoos dhufuutti itti fufa. <sup>7</sup>waa'ee hunduma keessaniiif haala kanaan yaaduun koo sirriidha, sababiin isaa garaa koo keessa jirtu. Isin hundumti keessan ayyaanaan hidhamuu fi himatamuun koo keessatti, yeroo wageela jabeessus michoota koo turtan. <sup>8</sup>Waaqayyo dhuga baatuu kooti, hunduma keessan jaala Yesuus kiristoosiin isinin yaada. <sup>9</sup> Kanaaf, kun kadhanna kooti, akka jaalalli keessan beekumsaa fi waan hundumaan hubachuutti dachaadhaan guddatuuf, <sup>10</sup>Akka isin waan gaarii ta'e mirkaneessitaniif, akka isin hanga guyyaa Yesuusittii gaarii fi warra muda hin qabne akka taatan, <sup>11</sup>Firii qajeelummaan isa Yesuus Kiristoos keessaan ulfinaa fi galata Waqaqayyoof ta'uun guutamtanii. <sup>12</sup>Amma egaa beekuun barbaada, obbolootaa, akka waanti ana irratti ta'e bgudachuu wangeelaaf oole. <sup>13</sup>Kana irraan kan ka'e, Kiristoosiif jedhee hidhamuu koo, waardiyoota masaraa mootummaa fi namoota hundumaa duratti gara ifaatti dhufe. <sup>14</sup>Obboloonni hedduun sababii hidhamuu kootiif gooftaatti ija jabina baay'ee qabu, sodaa malee sagalicha dubbachuufis ija jabina qabu. <sup>15</sup>Tokko tokko hinaaffaa fi dorgommiidhaaf, Kiristoosiin lallabu, warri kaan immoo fedhuma gaariidhaan <sup>16</sup>Booda garuu jaalalaan hojjetu,

akka ani falmii wangeelaaf addana jiru waan beekaniif.<sup>17</sup> warri duraa garuu fedhii ofittummaa irraan kan ka'e Kiristoosiin lallabu, jaalalaan miti. Isaan yeroon hidhaa keessa jiru ana aarsuu yaadu.<sup>18</sup> Maloodharee? Karaa hundumaa qofaa, kaka'umsa sobaa yookaan dhugaan haa ta'u, Kiristoos haa lallabamu; kanatti immoo ani nangammada. Eyyee, ani nan gammada.<sup>19</sup> Ani waanan beekuuf, akka kun fayyina kootiif ta'u, kadhaannaa keessanii fi gargaarsa hafuura Yesuus Kiristoos keessaan.<sup>20</sup> Inni waanan hawwiidhaan eeguu fi abdoo kooti, akraa kan iyyuu yeella'ee akka an hin argameef, garuu ija jabina hundumaan, amma akkuma yeroo hundumaa, kiristoos qaama koo keessatti ol ni kaafama, jirenyaan yookaan immoo du'aan.<sup>21</sup> Anaaf jirenyi Kiristoosi; du'is bu'aa kooti.<sup>22</sup> Garuu, yoon foon keessa jiraadhe, inni anaaf hojii bu'a qabeessa. Isa kan filadhu? Hin beeku.<sup>23</sup> Lamaan isaa gidduutti jabeessee danqamee waan jiruuf. Hawwiin koo irraa adda ba'ee Kiristoosii wajjin ta'uudha, isa baay'ee caalu sana,<sup>24</sup> Amma iyyuu immoo, foon keessa turuun caalaatti isiniif jecha barbaachisaadha.<sup>25</sup> Kana hubachuudhaan, akkan isin biratti hafee hunduma keessanii wajjin itti fufu beeka, guddinaa fi amantii keessatti gammachuu keessaniif. gammachuu fi amantii keessaniif.<sup>26</sup> Akka isin ana keessatti Kiristoosiin Yesuusiin of jajuuf sababii caalu qabattaniif yeroon deebi'ee gara keessan dhufu.<sup>27</sup> Ofii kee akka amala wangeela Kiristosiif ta'utti bichisiisi. Yoon isin arguudhaaf gara keessan dhufes dhiises. Waa'ee keessan dhaga'uu nan danda'a. akka ati hafuura tokkotti jabaattee dhaabathee jirtu. Amantii wangeelaaf yaada sammuu tokkoon walii wajjin.<sup>28</sup> Karaa kam iyyuu warra isiniin morman hin sodaatinaa. Kun badiisa isaaniif mallatoodha. Isiniif garuu fayyina, kun Waaqayyoo biraati.<sup>29</sup> Kiristoos irraan kan ka'e tola isiniif kennname, isatti akka amantan qofaaf miti, isaaf jettaniis akka dhiphattaniif malee.<sup>30</sup> Wal'aansoo ani keessa jiru isa ana keessa jiru argitan, amma ana keessatti dhageessu.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Kristoos keessa jajjabinni kam yoo jiraate, yoo jajjabinni jaalalaan diyaatu jiraate, yoo tokkummaan hafuuraa jiraate, yoo araaraa fi dhiifamni yoo jiraate, <sup>2</sup>Warra sammuu tokkoo, jaalala tokkoo, hafuuraa tokkoo ta'uu fi kaayyoo tokkoo ta'uudhaa gammachuu koo guutuu anaaf godhaa. <sup>3</sup>Yaada ofittummaatiin yookaan of duwwaa ta'anii of dhiibuutiin homaa tokko hin hojjetinaa. Qooda isaa gadi of deebisuutiin warra kaan ofii keessa irra caalchisaa yaadaa. <sup>4</sup>Tokkoon tokkoon keessan waa'ee fedha ofii keessanii qofaa hin yaadinaa, waa'ee fedha warra naaniis malee. <sup>5</sup>Sammuu akkasii qabadhaa, isa Kristoos Yesuus keessas ture; <sup>6</sup>Isa, utuu Waaqayyoo ta'ee jiruu, Waaqayyoo wajjin wal qixxee ta'uu isa homaatti iyyuu hin lakkaa'in, <sup>7</sup>Qood isaa duwwaa of godhe, bifa garbaa fudhatee, bifa namaa fudhatee dhalate. Bifa namaatiinis argame. <sup>8</sup>Inni gad of-deebisee hanga du'aatti abboomamaa ta'e. handa du'a fannootti! <sup>9</sup>Kanaaf, Waaqayyo immoo guddisee ol ol isa qabe, maqaa isa hundumaa gararraa jiru kenneef. <sup>10</sup>Maqaa isaatii jilbi hundumtuu ni jilbeenfata, waqa irratti, lafaa fi lafa jalatti; <sup>11</sup>arrabni hundumtuu akka Yesuus Kristoos goftaa ta'e dhugaa ni ba'a, ulifina Waaqayyoo abbaafis. <sup>12</sup>Kanaaf, michoota ko, akkuma yeroo hundumaa abboomamtan, bakka ani jirutti qofaa utuu hin ta'in, caalaatti bakka ani hin jirretti, fayyina dhuunfaa keessanii soada fi rommaan hojjedhaa. <sup>13</sup>Waaqayyootu isin gidduutti hojjechaa kan jiru, akka fedhaa fi gammachuu isaa isa gaariitti. <sup>14</sup>Waan hundumaa falmii yookaan guungummii malee hojjedhaa <sup>15</sup>Akka warra mudaa hin qabnee fi qulquloota taataniif, dhaloota jallaa fi mancaa'aa gidduutti ijoollee Waaqayyoo warra hin komamatne ta'aa. Isa ittiin biyya lafaa keessatti ibsitan. <sup>16</sup>Dubbuu jiraanyaa qabadhaa, guyyaa Kristoositti akkan akkasumaan hin fiiginiif yookaan akkasumaan hin dadhabiniif akka of jajutti. <sup>17</sup>Yoodhuman akka kennaar aarsaatti dhangalaa'aa jiraadhee illee, amantii keessaniiif jedhee, hunduma keessanii wajjin nan gammada. <sup>18</sup>Haaluma wal fakkaataan, isinis anaa wajjin gammaduutu isin irra jira. <sup>19</sup>Garuu, dhiyootti akkan Ximotewosiin siif ergu Yesuusitti abdiin qaba; akkasuma yeroon waantota waa'ee kee hubadhus, akkan jajjabaadhuuf. <sup>20</sup>Ani nama akka isaatii hin qabu, nama dhugaatti isiniif yaadu. <sup>21</sup>Hundumtuu waan fedhii ofii isaatii yaada malee, waa'ee Yesuus Kristoos miti. <sup>22</sup>Garuu gatii isaa isa mirkanaa'aa beektu, sabaiin isaa akka ilmaatti abbaa isaa wajjin, waan inni anaa wajjin wangeela tajaajileef. <sup>23</sup>Kanaaf hanga dandaa'ametti haalli ana bira jiru maal akka fakatu ilaaleen isiniif erga. <sup>24</sup>Garuu, anumti illee akka dafee dhufu gooftaatti ija jabina qaba. <sup>25</sup>Garuu, Ephafrodiixosiin deebisee erguun koo barbaachisaadha jedheen yaada. Inni obboleesaa fi hidhata hojji kooti, akkasuma loltuu isa michuu kooti; ergamaa keessanii fi fedha koofis tajaajilaadha. <sup>26</sup>Inni baay'ee dhiphateera, hunduma keessanii wajjinis ta'uu yaadeera, sababiin isaa akka inni dhukkubsate dhageesaniittu. <sup>27</sup>dhugaadhumatti inni hanga du'aatti dhukkubsatee ture. Waaqayyo garuu itti araarammeera; isatti qofaa immoo miti; anattis malee, akkan gadda irratti gadda hin qabaanneef. <sup>28</sup>Isa erguu koo baay'ee hawwitu, yeroo deenbitanii isa argitan waan gammaddaniif; dhiphinni koos ni salphata. <sup>29</sup>Kanaaf, maqaa gooftaan gammachuudhaan isa simadhaa. Namoota akka isaatii kabajaa. <sup>30</sup>Inni hojiidhuma Kristoosiif jedhee hanga du'aatti ga'e. Inni, tajaajila keessan keessaa waan isin biraan anaaf hin ta'in gara xumuraatti akka fiduuf lubbuu isaa baraare.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Xumura irratti, yaa obboloota ko, Gooftaatti gammadaa. Anaaf wanuma wal fakkaataa kana irra deebi'ee barreessuun anaaf rakkina miti. Inni nagaatti isineega. <sup>2</sup>Saroota ilaala. Hojjettoota warra hamoota sana ilaala. Warra qaama miidhamtoota ilaala. <sup>3</sup>Nuti warra kittaanamne, warra hafuuraan Waaqayyoon waaqessanii fi warra Kiristoos Yesuusiin of jajan. Warra foonitti ija jabina hin qabne. <sup>4</sup>Yoo barbaachise, ani lee fooniin ija jabina qaba. Namni fooniin ija jabina qaba jedhe yaadu yoo jiraate. Ani isa nan caala. <sup>5</sup>ani guyyaa saddeettaffattiin kittaaname, sanyii Biniyaam, Ibirticha, seera ilaalchisee immo, ani Fariisicha. <sup>6</sup>Hinaaffaaf immoo, waldaa amantootaa ari'chaan ture. Qaajlummaa isa seera jalaaf, ani muda maleessan ture. <sup>7</sup>Garuu waanti ana gargaara ture, Kiristoosiif jedhee hir'inaattin ilaala. <sup>8</sup>Dhugaadhuma iyyuu gooftaa koo Kiristoos Yesuusiin beekuun hundumaa irra waan caaluuf, ani waan hundumaa akka waan gatameetti nan lakkaa'eera. <sup>9</sup>isa keessatti argameera, karaa seeraa qajeelummaan qabuun miti, garuu isa karaa amantii Kiristoos keessaan argame, qajeelummaa isa Waaqayyoo bira karra amantii argame. <sup>10</sup>Egaa ani amma isa baruu, humna du'aa ka'uus isaa fi michummaa dhiphina isaatii baruun fi du'anis akka isaa ta'uun barbaada. <sup>11</sup>Kanaaf hanga tokko warra du'an keessaa ka'uus nan amaleeffadha. <sup>12</sup>waantota kana duraan argadhee waana guutadheef miti, garuu Kiristoos Yesuus kan isaa waan na godhatee, anis isa kana bira ga'ee harka koo keessa galfachuuf duukaa kaachuutti nan jira. <sup>13</sup>Yaa obbolootaa, ani ofii kootif illee harka keessa galfadheera jedhee hin yaadu. Garuu, waanti ani godhu tokko, isa booda jiru irraanfadhee, isa dura jirutti hiixachuudha. <sup>14</sup>Akeeka sana bira ga'ee gonfoo warra moo'anii argadhudhaaf nan hiixadha, gonfoo warra moo'anii kunis waamicha isa Waaqayyo karra Kiristoos Yesuus itti ni waameedha. <sup>15</sup>Nuti warri bilchina qabnu hundumatuu, mee akkasitti haa yaadnu, yoo waa'ee waan tokkoo bifa adda ta'een yaadde, Waaqayyos waanta sana sitti ni mul'isa. <sup>16</sup>Haa ta'u malee, isa takkaa arganetti haa jiraannu. <sup>17</sup>ana fakkaadhaa, yoo obbolootaa. Itti dhiyeenyaan warra warra fakkeenya isin nu eessatti qabdaniin adeemaa jiran ilaala. <sup>18</sup>Baay'een adeemaa jiru, waarri ani yeroo baay'ee isinitti himem, amma immoo imimmaaniin isinitti hima, warra diinota fannoo Kiristoos. <sup>19</sup>Dhumni isaanii digamuudha. Garaan isaanii Waaqayyoo isaanii waan ta'eef, ulfinni isaanii immoo qaanii isaaniiti. Isaan waa'ee waantota lafa irraa yaadu, <sup>20</sup>Lamummaan keenya garuu waaqa irra, bakka nuti teenyee fayyina keenya eeggannu, gooftaa Yesuus Kiristoosiin. <sup>21</sup>Inni qaama keenya isa gadi deebi'aa gara qaama isaa isa ulfina qabeessaatti ni jijiira; humni isaa kunis waanuma hundumaa of jalatti ni galcha.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Kanaaf, yaa obboloota ko warra ani isin yaaduu, gammachuu fi gonfoo ulfinaa koo, bifa kanaa gooftaatti jabaadhaa dhaabadhaa, yaa jaallatamoo obbolootaa.<sup>2</sup>Ewodiyaa kadhachaan jira, Sinxiikeenis kadhachaa jira, gooftaa keessatti akka warra yaada tokkoo ta'aniif, <sup>3</sup>Eyyee, ani isin nan gaafadha, michoota koo warra dhugaa, akka dubartoota warra babal'isuu wangeelaa keessatti anaa wajjin dhamaa'an gargaataniif, Kilimensii fi michoota koo warra hafan kaanii wajjin; warra maqaan isaanii galmee jireenyaa irra jiru.<sup>4</sup>Yeroo hundumaa gooftaatti hammadaa, ammas nan jedha, gammadaa. <sup>5</sup>gaarummaan keessan namoota hundumaa biratti haa beekamu. Gooftaan dhiyoodha. <sup>6</sup>Waan kamiif iyyuu hin dhiphatinnaa. Qooda isaa, waan hundumaaf, kadhataa fi waammataan galataa wajjin gaaffiin keessan Waaqayyoo duratti haa beekamu. <sup>7</sup>Akkasuma nagaan Waaqayyoo, inni hubannaa hundumaa irra caalu, garaa keessanii fi yaada keessan haa eegu.<sup>8</sup>Dhuma irratti, yaa obbolootaa, waa'ee waanuma dhufaa ta'ee, waa'ee waanuma kabajamaa ta'ee, waa'ee haqa ta'ee, waa'ee waan qulqulluu ta'ee, waa'ee waan jaallatamaa ta'ee, waa'ee waan gabaasa gaarii ta'ee, yoo waanti baay'ee gaarii ta'e jiraate, yoo waanti galateeffamuun irra jiru jiraate, waa'ee waantata kanaa yaadaa. <sup>9</sup>waantoni isin barattanii fudhantanis, ana keessatis dhageessasanii argita, isaan kana hojjedhaa, Waaqayyo nagaas isinii wajjin ni ta'a.<sup>10</sup>Ani guddisee gooftaatti nan gammada, amma dhuma irratti dhimma keessan anaaf haaressitan. Dhugaadhumatti duraan waa'ee koof dhimmitaniittu, gara ana gargaaruudhaaf carraan hin turre. <sup>11</sup>Ani kana waanan gargaarsa barbaaduun dubbadha miti. Ani haala kam keessatti iyyuu jiraahuu bareera. <sup>12</sup>Hiyyummaa jechuun maal jechuu akka ta'e beeka, irraa haraa qabaachuunis maal akka ta'e beeka. Karaa hundumaa waan hundumaa keessatti dhoksa kana bareera, quufattis beelattis; akkasuma, irraa hafaa qabaachuu fi dhabuuttis. <sup>13</sup>Ani waan hundumaa karaa isaa, isa ana jebeessuu nan hojjedha..<sup>14</sup>Haa ta'u malee, isin yeroo dhiphina koo keessatti gaarii anaaf quoddani. <sup>15</sup>Isin warri Filippiiyus beektu, jalqaba wangeelaatti, yeroon Maqadooniyaatii adeeme, isiniin alatti waldaan kiristsiynaa kennuuttis fudhachuuutti ana deggerte hin hin turre. <sup>16</sup>Yeroon Tasalooniqee ture, waan ana barbaachisu isa duraa caalaa anaaf ergitaniittu. <sup>17</sup>Ani gargaarsa hin fedhu. Qooda isaa, ija isa gatii keessan ol guddisun barbaada.<sup>18</sup>Ani waan hundumaa guutummaatti fudhadheera. Sirriitti anaaf kennameera, amma Ephafiroodisxoos harkaa waantota isin anaaf ergitan fudhadheera. Isaan foonii urgaa munya'aadha, aarsaa isa fudhatamaa fi Waaqayyoonis gammachiisu. <sup>19</sup>Waaqayyoon koo, fedha keessan, Kiristoos Yesuus keessaan akka ulfina badhaadhumaa isaatti isiniif ni kenna. <sup>20</sup>Amma, Waaqayyoo fi abbaa keenyaaf ulfinni baraa hanga baraatti haa ta'u. Ameen.<sup>21</sup>Yesuus Kirisroos keessatti saba Waaqayyoo warra qulqulla'ootti nagaa itti nuuf himi. Obboloonni warri anaa wajjin jiranis nagaa isiniif dhiyeessu. <sup>22</sup>sabni Waaqayyoo warri qulqulloono as jiran hundumtuu nagaa isin gaafatu. Keessumaa maatiin Qeesaar. <sup>23</sup>Ayyanani gooftaa Yesuus Kiristoos hafuura keessanii wajjin haa tau.

## Colossians

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawulos, akka fedha Waaqayyootti ergaamaa Yesuus Kiristoosii fi Ximotewos obboleessa keenya,<sup>2</sup>Qulqulloota saba Waaqayyoo fi Yesuus Kiristoos keessatti obboloota amanamoo Qolosaayis jiraniif. Ayyaanni isiniif haa ta'u, nagaanis Waaqayyo abbaa keenya biraa.<sup>3</sup>Waaqayyoon ni galateeffanna, abbaa gooftaa keenya Yesuus Kiristoos, akkasuma nuti yeroo hundumaa isiniif ni kadhanna.<sup>4</sup>Nuti amantii isin Yesuus Kiristoositi qabdan dhageenyeerra, akkasuma jaalala isin saba Waaqayyoo warra qulqullootaafis qabdan. <sup>5</sup>Sababii abdii isa waaqa irra isiniif ka'ameef, isa sagalicha isa dhugaa keessaan dhageessan, <sup>6</sup>isa gara keessan dhufe. Akkasuma wangeelli kun ija godhachaa fi addunyaa hundumaa keessatti guddachaa,akkuma isin keessatti hojjete guyyaa isa itti dhageessanii eegalee, akkasuma dhugaa keessatti ayyaana Waaqayyoo hubattanii kaasee.<sup>7</sup> Kun wangeela,akkuma Ephaafiraan irraa barattan, hojjetaa michuu keenya isa jaallatamaa, hojjetaa Kiristoos isa amanamaa qooda keenya. <sup>8</sup>Ephaafiraan jaalala isin hafuuraan qabdan nu hubacahiiseera.<sup>9</sup>Jaalala kana irraan kan ka'e, guyyaa itti kana dhageenya kaasee nuti isiniif kadhachuu addaan kutnee hin beeknu. Nuti akka isin beekumsa fidhii isaa hubachuun guutamtaniif ni kadhanna; beekumsa hundumaa fi hubannaa hafuuraan. <sup>10</sup>Akka isin adeemsa isa sirrii gooftaan ta'u adeemtaniif; isa karraa hundumaan isa gammachiisu. Hojii hundumaan ija godhachaa, Waaqayyoon beekuutti akka guddattan,<sup>11</sup>humna hundumaan jabaachaa, akka humna isaa isa ulfina qabeeessaatti. Akka danda'u fi obsa guddaa qabaattanitti <sup>12</sup>Abbaaf galata galchaa, isa isin dandeessise F1dhaala

saba Waaqayyoo ifaan, keessaa qooda akka qabaattaniif.<sup>13</sup> Inni ol aantummaa dukkanaa jalaa ni furee gara mootummaa ilma isaa isa jaallatamatti nu ceesise.<sup>14</sup> Isa nuti keessatti furamuu arganne; dhiifama cubbuus.<sup>15</sup> Inni fakkeenyaa Waaqayyoo isa hin argamneeti. Angafa uumama hundumaa.<sup>16</sup> Waanti hundumtuu isaan uumame, kan waqaq irra jiruu fi lafa irras jiru, waantonni argamnii fi hin argamne. Teessoowwanis yookaan gurguddoonni yookaan mootummaan yookaan warri aboo qaban, waanti hundumtuu isaan, isaafis uumamani.<sup>17</sup> Inni uumama hundumaa dura ture. Waanti hundumtuu isa keessaan jabaatee dhaate.<sup>18</sup> Inni mataa qamaati, mataa waldaa kiristyaanaatis. Inni jalqaba, warra du'aa keessaa warra du'an keessaa ka'uudhaan inni isa jalqabaati, kanaaf waan hundumaa keessatti bakka jalqabaa qaba.<sup>19</sup> Waaqayyo guutmmaan isaa ilma keessa akkaf gammadeera.<sup>20</sup> akkasuma ilma isaa keessaan waan hundumaa ofii isaatti araarsuudhaaf, karaa dhiiga fannoo isaa nagaa buusee, waantota lafa irra yookaan waaqa irra jiraniif.<sup>21</sup> Isin yeroo tokko, isa irraa fagaattanii diinota isaa turtan, sammuudhaa fi hojii hamatiin.<sup>22</sup> Amma garuu, qaamaa isaa isa argamuun du'ee qulqulloota isin gochuuf isin araarseera, isa duratti himanna gararrraa isin taasise.<sup>23</sup> Yoo dhuguma amantiin itti fuftan, ijaaramtanii jabaattan, abdii wangeelaa isa dhageessan jalaa yoo hin adeemtan ta'e, isa uumama hundumaa waaqaa gadi jiranitti lallabame. Kun wangeela isa ani Phaawulos tajaajilaa ta'eefiidha.<sup>24</sup> Amma isiniif dhiphachuutti nan gammada; Kiristoos waa'ee qaama isaatii, waa'ee waldaa kiristyaanaaf dhiphina inni fudhateen kan hir'ate ani amma foon kootiin nan guuta..<sup>25</sup> Ani waldaa kiristyaanaaf kanaaf tajaajilaadha; akka eegummaa isa isiniif Waaqayyoo biraanatti kennameetti, sagalee Waaqayyoo fiixaan baasuuf.<sup>26</sup> Dhoksaan kun isa barootaaf dhaloota jalaa dhokatee tureedha, garuu saba Waaqayyoo warra qulqullootaatti mul'ateera.<sup>27</sup> Waaqayyo badhaadhummua dhoksa ulfina isaa warra ormoottaa gidduutti isaaniitti mil'isuu barbaade, Kiristoos isa isin keessa jiru, abdii ulfinaa.<sup>28</sup> Nuti isa ni lallabna, namoota hundumaa akeekkachiifnee ogummaa hundumaanis ni barsiifna; akka namni hundutmoo Kiristoos keessatti ga'aa ta'ee dhiyaatuu.<sup>29</sup> Kanaaf immoo ani nan dhama'a, na jooras akka humna isaa isahumnaan ana keessa jiruutti.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Isiniif jedhee wal'aansoo jabaa akkamii akkan qabe akka beektan nan barbaada, warra Lodoqoiyaa jiraniif, namoonni baay'een qaamaan fuula koo hin argine. <sup>2</sup>Ani akka garaan isaanii jajjabaatuuf, jaalalaan akka walitti hidhamaniif, badhaadhummua hubannaasisa guutuu ta'e, argatanii dhoksaa Waaqayyoo isa ta'e Kiristoosiin akkabeeekeaniif nan dhama'a. <sup>3</sup>Isa keessa qabeenyaan, ogummaa fi beekumsi dhokatee jira. <sup>4</sup>Kana akka namni kan iyyuu dubbii miidhegsee ittiin isin hin gowwomsineef jedheen dubbadha. <sup>5</sup>Yoodhuman fooniin isinii wajjin hin jiru ta'e illee, hafuuraan isinii wajjin jira. Amala keessan isa gaarii fi jabina amantii isin Kiristoositti qabdan arguutti nan gammada, <sup>6</sup>Akkuma gooftaa Yesuus Kiristoosiin fudhantanitti, akkasuma isattis jiraadhaa. <sup>7</sup>Isatti hidda gadi jabeeffadhaa, isa irratti ijaaramaa, akkuma barsiifamtan amantiidhaan ijaaramaa, galatas baay'isaa. <sup>8</sup>Akka namni kam iyyuu akka barsiisa Kiristoositti utuu hin ta'in, yaada mataa isaa keessaa ba'ee fi gowwomsaa waan tokko of keessa hin qabneen isin hin gowwomsin; akka barsiisa namaatti akka isa hafuurota bantii waqa keessaa biyya lafaa kana keessatti humna qabnu jedhamanii sdaatamanitti isin hin booji'in. kana hundumaaf of eeggadhaa. <sup>9</sup>Isa keessa, guutummaan Waaqayyoo biya qaamaan keessa jiraata. <sup>10</sup>Isin isaan guutamtaniittu, isa maraa geggeessaa fi abbaa aboo hundumaa gararaa ta'een. <sup>11</sup>Isin kitaanamuu isa namaan hojetameen qaama namaa muraniin utuu hin ta'in, kitaanamuu isa kan Kiristoosiin kitaanamaniittu. <sup>12</sup>Isin cuuphaadhaan isaa wajjin awwaalamtaniittu, isa keessatti amantiidhaan, humna Waaqayyootiin kaataniittu., isa du'aa isa kaaseen. <sup>13</sup>Yeroo irra daddarbee keessanii fi kitaanamuu dhabuu foon keessaniin duutan, inni ofii isaa wajjin jiraatoo isin godhee fi irra daddarbaa keenya hundumaas nuus nuuf dhiise. <sup>14</sup>Inni barreeffama liqii isa nuun mormaa ture seera isaa wajjin balleessee, fannoo irratti fannisee daandii irraa isa balleesse. <sup>15</sup>Inni aboo warra geggeessitootaa fi warra aboo qabanii irraa kaasee fannichaan isaa dhiibee akka isaan naanna'anii argamaman taasise. <sup>16</sup>Kanaaf, namni kam iyyuu nyaachuu fi dhuguun isinitti hin faradin, yookaan waa'ee ayyaanaa fi ji'a haaraa, yookaan guyyaa torbaffaa. <sup>17</sup>Gaaddidduunn waantotaa dhufuuf jedhan jiru. Qaamichi garuu kan Kiristoosi. <sup>18</sup>Namni gadi deebi'ee eergamootaa waqa irraa waaqessuu jaallate, mul'ata erge tokko tokkoon himuudhaan sababii ta'u utuu hin qabaatin, yaaduma garaa isaatiin of bokoksee, galata isin hin dhabsiisin. <sup>19</sup>Namni akkasii Kiristoos mataa dhagnichaati, isa guutummaan qaamaa ittiin soorame, buusaa fi ribuu isaatiinis walitti hidhame, guddina Waaqayyoo biraa argatuunis ni guddata. <sup>20</sup>Isin yoo Kiristoosii wajjin qabiyyee hafuurota biyya lafaa kanaa jalaa duutaniittu ta'e, maaliif kan biyya lafaa taatanii jiraattu, <sup>21</sup>Hin qabin, hin dhandhamatin, ittis hin bu'inii"? <sup>22</sup>Isaa kun hundumtuu itti gargaaramnaan ni balleessu, akka abboommii fi barsiisa namaatti. <sup>23</sup>qajeelfamoonni kun mul'achuu ogummaatti, amantii ofii isaaniif hojetatanii wajjinii fi gaarummaa fi taaajila qaamaa jabaa wajjin. Isaa garuu gammachuu foonii wajjin garii hin qabani.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Yoo Waaqayyo Yesuusii wajjin isin kaaseera ta'e, waan olii yaadaa, bakka Yesuus mirga Waaqayyoo ta'ee jiru.

<sup>2</sup>Waa'ee waanta olii jiru yaadaa. Waa'ee waan lafa irraa miti. <sup>3</sup>Isin waan duutaniif, jireenyi keessan Kiristoosii wajjin Waaqayyoo keessa dhokateera. <sup>4</sup>Yesoo Kiristoos mul'atu, inni jirenyi keessan ta'e, isinis isaa wajjin ulfinaan ni mu'lattu. <sup>5</sup>Kanaaf, du'aa, miseensonni warri lafa irraa, ejja, xuraa'ummaa, miira, fedhii hamaa, fi ofittummaa, isa ejja ta'e. <sup>6</sup>Innis, waanota kanaaf jedheeti kan dheekkamsi Waaqayyoo ilmaan hin abboomamne irrati dhufaa jiruuf. <sup>7</sup>Isinis takkaa waantota kana gidduu adeemtaniittu, yeroo isaan gidduu jiraattan. <sup>8</sup>Amma garuu isin waantota kana hundumaa balleessuutu isin irra jira, dheekkamsa, aarii, yaada hemmeenyaa, maqa balleessii fi dubbii afaanii hin tolle. <sup>9</sup>Soba walitti hin dubbatinaa, namummaa moofaa hojii isaa hundumaa wajjin of irraa baaftaniittu. <sup>10</sup>Namummaa haaraas uffattaniittu, isa beekumsaan akka fakkeenyia isaa uumeetti haareffamaa jiruun. <sup>11</sup>Girikii yookaan Yihuudiin bakka hin turin, kittaanamuu fi kittaanamuu dhiisuu, garba, warra hin amanne, Iskuutes, garba, nama walabaa, garuu Kiristoos hunduma, akkasuma hunduma keessa jira.

<sup>12</sup>Kanaaf, akka warra Waaqayyoon fo'atamniitti, qulqulluu fi jaallatamniitti, garaa araaraa qabaadhaa, garraamummaa, gaarummaa fi obsa. <sup>13</sup>Walii keessaniif obsaa. Simboo waliif ta'aa. Yoo namni tokko isaa kaan irratti komee qabaate,akkuma itti goftaan isiniif dhiisetti isinis waliif dhiisaa. <sup>14</sup>Waantota kana hundumaa caalaa, jaalala qabaadhaa, isa hidhaa waan hundumaa ta'e. <sup>15</sup>Nagan kIriskoos garaa keessan keessatti haa moo'u, isin nagaa kanaaf jettaniitu kan isin qaama tokko keessatti waamamtan. Akkasuma galaateeffadhaa. <sup>16</sup>sagaleen gooftichaa baay'inaa isin gidduu haa jiraatu. Ogummaadhaan walii keessan barsiisaa fi qajeelchaa, faarfannaa fi weedduu hafuuraa faarfachaa, waaqayyoofis galata galchaa. <sup>17</sup>Waan kam iyyuu yoo hojjettan, sagalee fi hojiidhaan, hunduma isaa maqaa gooftaa Yesuus Kiristoosiin hojjedhaa. Karaa isaa Waaqayyo abbaaf galata dhiyeessaa. <sup>18</sup>Haati manoolii, abbootii manoolii keessaniif of kennaa, akkuma gooftaa keessatti sirrii ta'e.

<sup>19</sup>Obbootiin manaa, haadha manoolii keessan jaalladhaa, isaanitti hin hammaatinaa. <sup>20</sup>Ijoolloni, waan hundumaa maatii keessaniif abboomamaa, kun gooftaa ni gammachiisa. <sup>21</sup>Abbootiin, ijoollee keessan hin dheekkamsiisinaa, akka humni isaan hin buunetti, <sup>22</sup>Warri garboonni, akka fooniitti karaa hundumaa gooftota keessaniif abboomamaa, tajaajila ijaan miti, akka namoota gammadaniitti, garuu garaa jaalalaan. Goftaa sodaadhaa. <sup>23</sup>Waan hojjettan hundumaa, gooftaaf jettanii garaa keessan irraa hojjedhaa, namaaf jettanii miti. <sup>24</sup>Isin gatii dhaalaa akka gooftaa bira fudhattan beektu, innis gooftaa Yesuus isa isin tajaajiltaniidha. <sup>25</sup>Namni waan gaarii hin goone hundumtuu adaba isaa ni fudhata, hojii gaarii hin hojjetaniif, adda gooduun hin jiru.

## Chapter 4

<sup>1</sup> Gooftoliin, garbootaaf waan sirrii fi ga'aa ta'e kennaafii, ofii keessaniis akka waaqa irraa gooftaa qabdan beekaatii.<sup>2</sup> Jabaattanii kadhachuu keessan itti fufaa; galata galchuutti dammaqaa, <sup>3</sup> Waliin taatanii nuuf kadhachuus, akka Waaqayyoo sagalee isaatiif balbala nuuf banuuf, akka dhoksa Kiristoos dubbannuuf, isa ani isaaf jedhee hidhaa keessa jiruuf, <sup>4</sup> akka ifaa isa godhuuf kadhadhaa, akka inni dubbatamuun irra jirutti.<sup>5</sup> Gara warra bakkee jiraniitti ogummaan adeemaa, yerichas bitaa. <sup>6</sup> Yeroo hundumaa dubbiin keessan ayyaanaan haa ta'u. ashaboon kan minyaa'e haa ta'u. akka itti tokko namootaaf deebiftan akka beektaniif.<sup>7</sup> Haala ani keessa jiru hundumaa, Tiqikoos isinitti ni hima. Inni obboleessa jaallatamaadha. Tajaajilaan amanamaa fi gooftaa keessatti hidhata hojii. <sup>8</sup> Anis kanaaf jedhee isa gara keessatti ergeera., akak isin waa'ee keenya hubattaniif, akkasuma akka inni garaa keessan jajjabeessuuf. <sup>9</sup> Ani Onesimoosii wajjin isa ergeera. Obboleesa isa amanamaa fi jaallatamaa, isa isin keessaa tokko ta'e. isaan waan achiti ta'e hundumaa isinitti ni himu. <sup>10</sup> Arisxarko, obboleessi inni naa wajjin hidhame, nagaa isin gaafa, Maqrqosii akkasuma, durbiin Baarnaabaas, (isa isin waa'ee isaa qajeelfama fudhattan, yoo inni gara keessan dhufe, isa simadhaa), <sup>11</sup> akkasuma Yesuus inni Yusxosiin waames. Warra kittaanaman kan qofaatu, mootummaa Waaqayyoof hidhata hojii kootiiti. Isaan anaaf jajjbina koo turani. <sup>12</sup> Ephafiraas nagaa isin gaafata, Innis isin keessaa tokko ta'ee, garbicha Kiristoos Yesuusi. Yeroo hundumaa kadhannaadhaan isin yaadata. Innis guutummaatti tasgabbootanii fedha Waaqayoo hundumaan, jabbaattanii akka dhaabattan yeroo hundumaa kadhannaadhaa ni dhimma. <sup>13</sup> Ani akka inni jabaatee isiniif hojjetu dhugaan ba'a; warra Lodooyiyaa jiraniif, Iyaaraapholis jiraniif. <sup>14</sup> Luqaas inni abbaa qorichaa fi Deemaas nagaa isiniif dhaamu. <sup>15</sup> Obboloota warra Laa'odooyiyaa jiran dubbisaa, akkasuma Lemifuunii fi waldaa amantootaa isa mana ishee keessa jirutti. <sup>16</sup> Yeroo xalayaan kun isin gudduutti dubbifamu, akkasuma waldaa amantootaa Laa'odooyiyaa keessatti dubbisaa, akksuma xalayaan Laa'odooyiyaa dhufee dubbifames ilaala. <sup>17</sup> Aqiriphaamiinis, "tajaajila isa Yesuus keessaan fudhatte ilaali, isa bakkaan ga'uun sirra jiru"<sup>18</sup> xalayaan kana harka ofii kootiinan barreesse, Phaawulos, hidhaamuu koo yaadadhaa. Ayyaanni isinii wajjin haa ta'u.

## 1 Thessalonians

## Chapter 1

<sup>1</sup> Phaawulos, Silaasii fi Ximotewos, gara waldaa amantoota ishee Tasaloniiquee, Waaqayyoo abbaa fi gooftaa Yesuus Kiristoositti jirtuu. Ayyaannii I fi nagaan isiniif haa baay'etu.<sup>2</sup> Nuti yeroo hundumaa waa'ee keessan hundumaaf Waaqayyoof galata dhiyeessina, kadhanna keenya keessattis yeroo hundumaa isin yaadanna. <sup>3</sup> Waaqayyoo fi abbaa durattii hojii fi amantiis keessan ni yaadanna.<sup>4</sup> Obboloota Waaqayyootti jaallatamtanii, akka inni isin fo'ate beekna. <sup>5</sup> Sababiin isaa, wangeelli keenya sagalee qofaadaan gara keessan hin dhufne, humnaanis malee. Hafuura qulqulluu fi mirkaneessuu baay'eedhaan. Akkasuma, nuti isiniif jennee isin gidduutti namoota akkamii akka turre beektu. <sup>6</sup> Isin sagalicha yeroo rakkina keessaan hafuura qulqulluu bira gammachuudhaan fudhatttan warra nuu fi goofticas fakkaatan taatana. <sup>7</sup> Kara irraan kan ka'e, warra amananii Maqeddoniyaa fi Akaayaa keessa jiran hundumaaf fakkeenya taatan. <sup>8</sup> Sagaleen gooftaa isin biraan waan ba'eff, Maqeddoniyaa fi Akaayaa keessatti qofaa miti; amantiin isin Waaqayyootti qabdan garuu, bakka hundumaa ga'e. kanaaf waa'ee isaa waan jechuun nurra jiru hin jiru. <sup>9</sup> Isaanumti ofii issaaniitf nuti isin gidduutti fudhatama akkamitti akka arganne waan dubbataniif, akkamittis akka waaqota tolfamo waaqessuu keessaa gara Waaqayyootti akka deebitan, Waaqayyoon isa jiraataaf hojjechuudhaaf. <sup>10</sup> ilma isaa waaqa irraa eeguudhaaf, isa inni du'aa kaase, Yesuusiin isaa dheekkamsa dhuuf jedhu jalaa nu baraaru.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Ofii keessaan akkuma beektan, Obbolootaa, isin bira dhufuu keenya bu'aa malee akka hin taane, <sup>2</sup>garuu, akkuma beektan yoodhuma duraan kan dhiphannee fi qaanii malee Filiphisiiyusitti rakkanne illee ta'e, wallaansoo jabaa keessaan dubbii Waaqayyoo isinitti lalalbuudhaaf Waaqayyoo keenyatti ija jabeeyyii turre.<sup>3</sup> gorsi keenya dogoggora hin turre, xuraa'ummaa keessaas hin turre, gowwomsaa keessaas hin turre. <sup>4</sup>Qooda isaa, akkuma Waaqayyoon qoramnee ilaalamne, wangeelicha akka amannuuf, kanaaf ni dubbanna, namoota gammachiisuuf miti, Waaqayyoon malee. Inni isa garaa keenya qoruudha.<sup>5</sup> Nuti tasa dubbii saadoo fudhannee hin dhufne, akkuma beektan, yookaan dubbii sassatummaa, Waaqayyo dhuga baatuu keenya. <sup>6</sup>Namoota irraas ulfina hin barbaanne. Isinii fi warra kaan irras.<sup>7</sup> Eenyummaa duuka buutota Kiristoos ta'uun keenyaa falmuu dandeenya turre. Qooda isaa, nuti isin gudduutti akka warra ormaa taane, akka haadha ishee ilmaan ofii isheetii jajjabeessituu. <sup>8</sup>Karaa kana jaalala isiniif qabna turre. Nuti dubbii Waaqayyoo qofaa utuu hin ta'in jirenya ofii keenyaa illee isiniif qooduudhaaf gammachuu qabna turre. Isins waan baay'ee michoota keenya taataniiif.<sup>9</sup> Akkuma yaadattan, yaa obbolootaa, itti dadhabuu keenya. Tokkoo keessanitti ba'aa akkka hin taanetti halkanii fi guyyaa hojjecha, dubbii Waaqayyoo isinitti lallabne.<sup>10</sup> Isin dhuga baatota, Waaqayyo akkasuma, isin warra amanee biratti amalli keenya akkam qulqulluu, qajeelaa fi muda maleessa ture.<sup>11</sup> Akkasuma, akkamitti akka nuti tokkoo tokkoo keessanii wajjin turre. Akkuma abbaan ijoollee isaa wajjin ta'u.<sup>12</sup> Si gorsaa, si jajjabeessaa, akka ati akka amala Waaqayyoof ta'u adeemtuuf, isa gara mootummaa ofii isaa fi ulfina isaatti si waamee.<sup>13</sup> Sababii kanaaf, nuti walitti fufnee Waaqayyoon galateeffanna; yeroo isin sagalee Waaqayyoo isa fudhattan, isa nurraa dhageessan, akka dubbii namaatti hin fudhanne, garuu akkuma inni dhugaa ta'etti malee, sagalee Waaqayyoo, isa isin warra aname keessatti hojiitti jiru.<sup>14</sup> Isiniif, yaa obbolootaa, faana waldaa amantoota Waaqayyoo warra Yihudaa keessa jiranii duukaa buutaniittu. Isinis karaadhuma namoota magaalaa keessaanii dhiphinni wal fakkaataan isin irra ga'eera, akkuma Yihodota biraa godhan.<sup>15</sup> warra gooftaa Yesuusii fi raajota lamaan isaanii ajjeesanii fi nuun immoo ari'anii baasan. Isaan Waaqayyoon hin gammchiisan. Qooda isaa, isaan diina namoota hundumaati. illed<sup>16</sup> Isaan akka nuti akka isaan fayyanif warra ormaatti hin dubbanneef nu dhowwu. Firiin isaan isaa, isaan yeroo hundumaa, cubuu isaanii hanga dandaa'an itti fuutu. Dhuma irratti dheekkamsi isaan argata.<sup>17</sup> Garuu nuti, obboloonni, yeroo muraasaaf isinittii adda baane, qaamaan malee, garaan mitii. Addumaan nuti hawwineerra. Hawwii guddaadhaan, fuula keessa arguudhaaf.<sup>18</sup> Nuti waan gara keessan dhufuu hawwineef, addumaan ani, Phaawulos, ammas, garuu seexanni nu dhorke.<sup>19</sup> Abdii keenyaa, yookaan gammachuu keenya, yookaan kabaja keenya gooftaa Yesuus duratti yeroo yeroo inni dhufu maali? Inni si'i mitii?<sup>20</sup> Sababii ati kabajaa fi gammachuu keenya taateef.

Chapter 3

<sup>1</sup>Kanaaf, yeroo kana caalaa baachuu dadhabnetti, Ateenaatti qofaa isaa isa dhiisuun gaariidha jennee yaadne.

<sup>2</sup>Ximotewosiin ergine, Waaqayyoodhaaf, wangeela Kiristoos keessatti obboleessaa fi hidhata hojii keenyaa, akka inni amantii keessanitti isin jajjabeessuuf. <sup>3</sup>akka namni tokko illee rakkina kanaan hin raafamnetti. Akkuma isin beektan nuti kanaaf muudamne. <sup>4</sup>Dhuguma, nuti isinii wajji turre, akka rakkinnii nurra ga'uuf jiru dursinee isinitti himneerra, akkasumas ta'e, akkuma beektan. <sup>5</sup>Sababii kanaaf, yeroo kana caalaa obsuu dadhabe, waa'ee amantii keessanii baruufin erge. Tarii inni qoru hanga tokko isin qoreera ta'a. dhama'uun keessanis akkasumaani. <sup>6</sup>Ximotewos isin biraan gara keenya dhufe,e oduu gaarrii waa'ee amantii fi jaalala fide. Akka isin yeroo hundumaa nu yaadattanis nutti hime. Akkuma nutis isin arguu yaadni, isinis akka nu arguudhaaf yaaddan. <sup>7</sup>Sababii kanaaf, obbolootaa, nuti isiniif jajjabaanne amantii keessan irraan kan ka'e. dhiphinaa fi gidiraa keessatti. <sup>8</sup>Ammaaf ni jiraanna; yoo gooftaatti jabaattanii dhaabattan. <sup>9</sup>Waa'ee keessaniif kan ittiin Waaqayyoon galateeffannu, gammachuu fuula Waaqayyoo duratti qabnu hundumaa akkamitti ibsninaree?

<sup>10</sup>Halkanii fi guyyaa cimsinee kadhanna, fuula keessan arguudhaaf, akkasuma waan amantii keessatti isinitti hirata isiniif kennuudhaaf. <sup>11</sup>Waaqayyo abbaan keenya ofii isatii fi gooftaan keenya Yesuus, karaa keenya gara keessanitti haa qajeelchu. <sup>12</sup>Gooftaan jaalala isin walii keessaniif qabdan guddisee haa baay'isu; gara namoota hundumaattis, akkuma nuti isiniifis goonu. <sup>13</sup>Inni garaa keessan haa jabeessu, akka isaan Waaqayyoo keenyaa abbaa duratti qulqullummaatti muda maleessa ta'aniif yeroo dhufaatii gooftaa Yesuusitti namoota isaa qulqullaota hundumaa waliin.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Dhuma irratti, yaa obbolootaa, kabajaan isin gaafanna, gooftaa Yesuusiinis isin gorsina. Yeroo nurraa qajaalfama nurra fudhattan, akkamitti akka itti Waaqayyoon gammachiisaa adeeman. Akkasuma adeemsa karaa kanaa, caalchiftanii akka dhamaataniif. <sup>2</sup>Gooftaa Yesuus keessaan qajeelfama akkamii akka isiniif kennine beektu.<sup>3</sup>Kun fedha Waaqayyo waan ta'eef, qajeelummaan keessan, ejja irraa fagaachuun keessan, <sup>4</sup>Tokkoon tokkoon keessan qulqullummaa fi kabajaan akkamitti akka mi'a isaa baachuun isin irra jiruakkuma beektan, <sup>5</sup>Fedha hawwiin miti (Akkuma warra ormoottaa Waaqayyoon hin beeknee) <sup>6</sup>Namni kam iyyuu irra daddarbee dhimma isaa keessatti obboleessa isaa hin gowwomsin. Gooftaan waantota akkasii irratti ijaa ni ba'a. akkuma nuti duraan isiniti himnee isin akeekkachiifne. <sup>7</sup>Waaqayyo xuraa'ummaatti nun waamne, ququllummaatti malee. <sup>8</sup>kanaaf, namni kana tuffatu nama tuffata miti; Waaqayyoon malee, isa hafuura qulqullumu isiniif kennu.<sup>9</sup> Jaalala obbolummaa ilaachisee, eenyu iyyuu akka isiniif barreessu isin hin barbaachisu. Waaqayyo akka itti walii keessan jaallattan isin barsiiseera. <sup>10</sup>Dhuguma, kana obboloota Maqedooniyaa keessa jiraniif kana godhaa. Nuti garuu isin gorsina, obbolootaa, kana caalaa akka hojjetaniif. <sup>11</sup>Akkasuma nuti akka jirenya gabii qabu jiraattan isin gorsina. Waa'ee itti gaafatamummaa keessaniif of-eeggadhaa, akkuma nuti isin abboomne harka keessaniin hojjedhaa, <sup>12</sup>Akka warra akkee biratti sirriitti adeemuu dandeessanii fi homaa tokkoo hin barbaannetti.<sup>13</sup> Obbolootaa, waa'ee warra rafanii akka isin wallaltan hin barbaannu, akka warra hafanii akka isin gaabbitan, warra abdii hin qabne. <sup>14</sup>Yoo akka Yesuus du'ee du'aayis ka'e amanne, Waaqayyoos akkasuma warra isaa wajjin rafiiitiitti kufan Yesuusiin wajjin ni fida. <sup>15</sup>Kanaaf, dubbii gooftaatiin isiniti dubbanna, nuti warri lubbuun jirru, warri dhufaati gooftaaf hafne, warri nu dura mugan hin dursinu.<sup>16</sup>Gooftaan ofii isaatiif waqa irraa waan dhufuuf. Inni sagalee guddaadhaan dhufa, sagalee angafa ergamaan, malakata Waaqayyootiin, akkasuma war Kiristoositti du'an dura ni ka'u. <sup>17</sup>Isa booda nuti warri lubbuun jirru, warri hafne, isaanii wajjin duumessa keessatti ni argman goofticha qilleensa keessatti simachuudhaaf. Akkasitti, gooftaa wajjin yeroo hundumaa jiraanna. <sup>18</sup>Kanaaf, dubbii kanaan walii keessan jajjabeessaa.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Amma yericha ilaachisee, obbolootaa, eenu iyuu akka homaa tokko isiniif barreessu isin hin barbaachisu.

<sup>2</sup>Ofii keessaniif sirriitti akka dhufaatiin gooftaa akka hattuun halkan dhuftu fakkatu waan beekataniif. <sup>3</sup>Isaan yeroo "nagaan" jedhan, diigamsi akka tasaa isaan irratti ni dhufa. Innis akka ciniinsuu da'umsa dubartii ulfaa ni ta'a. isaa karaa kam iyuu jalaa ni ba'ani. <sup>4</sup> Isin garuu, obbolootaa, isin garuu sukkana keessa hin jirtan guyyichi akka hattuutti akka isin irra hin baaneef. <sup>5</sup>Hundumti keessan ijoollee ifaa fi ifa guyyaati. Nuti ijoollee halkanii fi dukkaa miti. <sup>6</sup>kanaaf, akkuma warra nutis hin rafnu. Qooda isaa, haa dammaqnu. <sup>7</sup>Warri rafan halkaniin waan akkas godhaniif fi warri dhuganis halkaniin akkas godhu. <sup>8</sup>Garuu, hanga kan guyyaa taanetti, dammaqnee, amantii fi jaalala akka qabduu harmaatti, abdii fayyinaa immoo akka gonfoo mataatti uffachuutu nurra jira. <sup>9</sup>Waaqayyo dheekkamsaaf utuu hin ta'in, karaa gooftaa Yesuus fayyina akka fudhannuuf nu kaa'e.

<sup>10</sup>Kanaaf eenyutu nuuf due, dammaqnes rafnes, isaa wajjin ni jiraanna. <sup>11</sup>kanaaf walii keessan jajjabeessaatii, walis kakaasaa. Akkuma gochaa jirtanitti. <sup>12</sup>Yaa obbolootaa, kabajaan isin gaafanna, akka warra isin gidduutti dadhabaniif fi warra gooftaa keessatti isin geggeessaniif kabajan kennaafii. <sup>13</sup>Sababii hojii isaaniitiif, jaalalaan ol isaan qabaa. Isin gidduutti nanaan haa ta'anii. <sup>14</sup>Yaa obbolootaa, isin gorsina, warra dhibaa'ota ni akeekkachiifna, warra dadadhaboo ni jajjabeessina, warra dadhaboo ni gargaarra, waan hundumaatti immoo ni obsina. <sup>15</sup>Akka namni kam iyuu hamaadhaaf, hamaa hin deebifne ilaala. Qooda isaa, waan gaarii tokkoo tokkoo keessanii fi akksuma hundumaaf gaarii ta'e hordofaa. <sup>16</sup>Yeroo hundumaa gammadaa. <sup>17</sup>Utuu addaan hin kutin kadhadhaa.

<sup>18</sup>Waan hundumaaf galata galchaa. Kun Kiristoos Yesuus keessaan fedha Waaqayyoo waan ta'eef. <sup>19</sup>Hafuura hin dhaamsinaa, Raajota hin tuffatinaa. Waan hundumaa qoraa, isa gaarii ta'e cimaa qabadhaa. Waan gaarii hundumaa irraa fagaadhaa. <sup>23</sup> Waaqayyo nagaa, guutummaatti isin haa qulleessu. Guutummaan hafuura keessanii, lubbuun keessanii fi qaamni keessan dhufaatiin gooftaa Yesuusif mudaa maleessa ta'ee haa eegamu.

<sup>24</sup>Amamanaan isa isin waamuudha. Isa hoijetuudhas. <sup>25</sup> Obbolootaa, nuufis kadhadhaa. <sup>26</sup>dhungannaqulqulla'aadhaan obboloota hundumaa nagaa gaafadhaa. <sup>27</sup>Maqaa gooftaan akka isin xalayaan kana obboloota hundumaaf dubbiftan isin abbooma. <sup>28</sup>Ayyaanni gooftaa keenya Yesuus kiristoos isinii wajjin haa ta'u.

## 2 Thessalonians

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawulos, Silaawonisii fi Ximotewos; Tasaloniqueetti waldaa amantootaa ishee Waaqayyoo abbaa keenyaa fi gooftaa Yesuus Kiristoositti jirtuuf. <sup>2</sup>Ayyaannii fi nagaan Waaqayyo abbaa fi gooftaa Yesuus kiristoos biraan isiniif haa ta'u. <sup>3</sup>nuti yeroo humdumaa waa'ee keessaniif Waaqayyoo galata dhiyeessina. Obbolootaa, akkuma ta'u, amantiin keessan caalchisee guddachaa jira. Jaalalli isin walii keessaniif qabdanis guddaadha. <sup>4</sup>Nuti illee waldaa Waaqayyoo keessatti waa'ee keessaniin of jajna. Ari'ataman humdumaa keessatti waa'ee obsaa fi amantii keessaniif, waa'ee rakkina isa isin keessa darbaa jirtaniifis. <sup>5</sup>Kun ragaa isa qajeelaa firdii Waaqayyooti, mootummaa Waaqayyoof kan maltan ta'u akka yaaddan, isa dhiphachaafii jiraniif. <sup>6</sup>dhuguma, Waaqayyoo qajeelummaadha warra isin dhiphisian innis immoo dhiphisuu., <sup>7</sup>Isin warra rakkaniif boqonnaan haa ta'u, hunduma keenyaaf illee. Gooftaa Yesuus yeroo waqa irraa mul'atu, ergamoota isaa warra jajaboo wajjin.

<sup>8</sup>Abidda bobu'u keessatti, Warra Waaqayyoon hin beekne irratti tarkaanfii ijaa ba'uu ni fudhata; akksuma warra wageela gooftaa Yesuusif hin abboomamnee irrattis. <sup>9</sup>Isaa gubannaan bara baraatiin ni dhiphatu bakka gooftichi hin jirretti; humna ulifina isaan alatti. <sup>10</sup>Inni yeroo dhumaatti yeroo dhufu kana ni godha; qulqullummaa isatiin ulfina argachuudhaaf, warra isa amantan biratti jajamuudhaaf. Sababiin isaa dhuga ba'umsi nuti isiniif kennine amanamaadha. <sup>11</sup>sababii kanaaf, utuu wal irraa hin kutin isiniif ni kadhanna. Waaqayyo akka isin warra waamicha isaaf mala taataniif, humna isaatiin kaayyoo gaatii hundumaa fi hojii amantii hundumaa bakkaa ga'uuf. <sup>12</sup>Kana immoo akka maqaan gooftaa Yesuus isin gidduutti ulfina argatuuf kadhanna; isinis isa keessatti, akka ayyaana Waaqayyoo keenyaa fi gooftaa Yesuus kiristoositti.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Amma waa'ee dhufaatii gooftaa Yesuus Kiristoos fi isaa wajjin ta'uudhaaf isa wajjin ta'uu keenyaa, kabajaan gaafanna yaa obbolootaa. <sup>2</sup>Akka isin salphaatti jeeqamtanii hin rakkanneef. Hafuuraanis ta'e ergaadhaan, yookaan xalayaadhaan isa akka waan nu biraan dhufee fakkaatuun. Guyyaan gooftichaa waan dhuffeef.<sup>3</sup>eenyu illee karaa kam iyyuu isin hin gowwomsin. Waan utuu kufaatiin hin dhufin booda hin dhufnee fi namni seera-maleessaas hin mul'atin, ilmai diigumsaa. <sup>4</sup>Inni kun isa ofii isaa ol ol qabuudha fi waan Waaqayyoo jedhamee waamamuu yookaan waaqeffatamuun hundumaa mormuudha. Kamuma irraan kan ka'e, inni mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa ta'ee akka Waaqayyoos of fakkeessa.<sup>5</sup> Ni yaadattuu yeroon isin bira ture akkan waa'ee kanaa isnitti dubbadhee ture? <sup>6</sup>Amma egaa waanta isa dhowwu beektu, akka inni yeroo isa sirrii ta'e qofaatti mul'atuuf. <sup>7</sup>Dhoksaan elseerummaa hojitti jira; amma nama isa dhowwu tokko qofaatu jira, hanga inni daandii irraa fuudhamutti. <sup>8</sup>Isa booda inni seera malee jireetu sun ni mul'ata; isa gooftaa Yesuus afuura baafannaa afaan isaatii ajjeesa, yeroo mul'ina dhufaatii isaatis garakamitti iyyuu isa hin fidu. <sup>9</sup>Shufaatiin seer-maleessummaa humnaan hojjechuu, mallattoo fi dinqiiwan sobaa seexanaa irraan kan ka'e dhufa. <sup>10</sup>Akkasuma, waan hamaa hundumaatiin warra balleessaa jiran isa gowwomsu, sababii isaan dhugaa fi fayyina jibbaniif. <sup>11</sup>Sababii kanaaf, Waaqayyo gowwomsaa human qabu isaanitti ergaa jira; akka isaan soba amananiif. <sup>12</sup>Akka hundumti isaanii, warri dhugaa hin amanin ifatamaniiif, qooda isaa xuraa'ummaa keessa gammachuu waan fudhataniif. <sup>13</sup>Nuti garuu yeroo hundumaa isiniif Waaqayyoon galateeffanna, obboloota warra gooftaan jaal'ate, sababiin isaa Waaqayyo akka firii jalqabaatti isin jaal'ate, akka karaa qulleessuu hafuuraa fi dhugaatti amanuun. <sup>14</sup>Kanatti immoo garaa wangeela keenyaa isin waame. Akka isin ulfina gooftaa Yesuus Kiristoos argattaniif. <sup>15</sup>Kanaaf, yaa obbolootaa, aadaa isa barsiifamtanitti cimaatii jabeessaas qabadhaa, dubbiin keenyaaan yookaan immoo xalaya keenyaa. <sup>16</sup>Amma gooftaan Yesuus Kiristoos ofii isaa fi Waaqayyo abbaan keenya, inni nu jaal'atee jirenya bara baraas nuuuf kennee, nu jabeessee ayyaan keessaanis abdii gaarii nuuf kenne, <sup>17</sup>Garaa keessan hojii fi sagalee gaarii hundumaan garaa keessan haa jabeessu.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Amma, Obbolootaa, nuuf kadhadhaa; akka sagaleen Waaqayyoo ariifatuu fi ulifnas argatuuf, akkuma isinii wajjin jiru. <sup>2</sup>Akka nuti xuraa'ummaa fi namoota hamoota irraa adda baanuuf. Hundumtuu amantii hin qabani. <sup>3</sup>Waaqayyo garuu amanamaadha, inni isin jabeessuu fi isa hamaa ta'e irraa isin eegu.<sup>4</sup>Nuti waa'ee keessanii Waaqayyootti ija jabina qabna. Akka isin isa lamaan isaa gootanii fi isa nuti isin abboomnes godhhuu itti fuftan. <sup>5</sup>Waaqayyo gara isa jaallachuu fi Kiristoosiifis jedhanii obsuutti ti garaa keessnan haa qajeelchu. <sup>6</sup>Amma egaa isin abboomna yaa obbolootaa, maqaa Yesuus Kiristoosiin, akka isin obboleessa hojii hin qabnee fi akka aadaa jireenyaa nurraa fudhataniitti hin jiraanne of irraa fagessitaniif. <sup>7</sup>Nuun fakkeechuun isiniif barbaachisaa akka ta'e akkuma waan beektaniif, nuti yeroo isinii wajjin turre hojii malee hin turre. <sup>8</sup>Utuu gatii hin baasin nyaata nama tokko iyuu nyaannee hin beeknu; garuu halkanii fi guyyaa humnaa fi dadhabbiidhaan eenyutti iyuu akka ba'aa hin taaneef hojjenneerra. <sup>9</sup>Kana immoo waan aboo hin qabneef goone miti; isiniif fakkeenya ta'uuf malee, isinis akka nu fakkaattaniif. <sup>10</sup>Yeroo isinii wajjin turre, "Namni hin hojjetne, hin nyaatinis" jennee isin abboomneerra <sup>11</sup>Akka namootni hin hojii hin hojenne isin gidduu jiran dhageenyerra, warri hojiitti hin dhimmine, warri hoji maleeyyiin. <sup>12</sup>Amma, nuti warra akkasii maqaa gooftaa Yesuus Kiristoosiin ni gorsina. Akka isaan itti dhamaa'anii hojjetanii buddeen ofii isaanii nyaatanii. <sup>13</sup>Isin garuu, yaa obbolootaa, waan gaarii hojjechutti hin laafinaa. <sup>14</sup>Yoo namni dubbii keenya xalayaa kana keessa jiruuf hin abboomamne jiraate, isa dhiisaatii hariiroo isaa wajjiniis dhiisaa., akka qaaniin isatti dhagaa'amutti. <sup>15</sup>Garuu akka diinaatti isa hin ilaalinaa; akka obboleessaatti isa akeekkachiisaa. <sup>16</sup>Amma egaa gooftaan nagaa ofidhuma isaatii karaa hundumaa yeroo hundumaa nagaa isiniif haa kenuu. Gooftaa humduma keessanii wajjin haa ta'u, <sup>17</sup>Ani Phaawulos, kana harka kootiin isiniif barreesseera; isa mallatttoo xalayaa ani barreesse hundumaa ta'e. <sup>18</sup>Ayyaanni gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hunduma keessanii wajjin haata'u; Ameen.

## 1 Timothy

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawulos, duuka buutuu Kiristoos Yesuus akka abboommii Waaqayyoo keenya isa fayyisa fi Kiristoos Yesuus isa abdii keenyaatti. <sup>2</sup>Ximotewosiif, ilma amantii isa dhugaaf, ayyaanni, araarrii fi nagaan Waaqayyo abbaa fi kiristoos biraa. <sup>3</sup>kkuman yeroon gara Maqedooniyaa dhufuuf ture, akka ati hoojjettuuf si ariifachiise, Efesonitti haftee, akka namoonni tokko barsiisa kan biraa hin barsiinfe akka abboomtuuf. <sup>4</sup>Akkasuma akka isaan seenaa fi hidda dhalootaatti gatii hin kennineef. Kan karoora Waaqayyoo isa amantiidhaan ta'e caalaa, falmii guddisa. <sup>5</sup>amma egaa kaayyoon abboommichaa jaalala garaa irraa ka'eedha. Qalbii gaarii irraa fi amantii garaa irraa ta'e irraa. <sup>6</sup>Namoota waanota kana irraa dogogganii dubbii waa'ee hinbaafnetti goran jiru. <sup>7</sup>Isaan barsiisota seeraa ta'uun barbaadu, garuu waanta dubbachaa jiran yookaan waanta ija jabummaadhaan jabeessaa jiran hin beekani. <sup>8</sup>Garuu nama seeraan itti gargaarmuuf seerri dhimma ni baasa. <sup>9</sup>Nuti kan beekna, akka seerri nama qajeelaadhaaf bakka hin buune. Garuu immoo warra seera malee jiraatanii I jalootaaf malee, warra Waaqayyoon hin beeknee fi cubbamootaaf, warra cubbamootaa fi ciiggaasisoo, warra abbaa fi haadha isaanii ajjeesaniif, warra jjeesaniif. <sup>10</sup> Namoota warra ejjitootaaf, warra naamusa hin qabneef, warra sagaagalummaa raawataniif, warra namoota garbummaadhaaf butaniif, warra sobaniif, warra sobaan dhugaa ba'anii fi akkasuma warra barsiisa dhugaan mormaniif. <sup>11</sup>Qajeelfamni kun akak ulfina wangeela Waaqayyoo isa eebbfamaatti isa an itti amaneetti. <sup>12</sup>Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin nan galateeffadha; inni na jabeesse, amanamaa godhee na simate, akkasuma immoo tajaajilaaf ana muude. <sup>13</sup>Ani kan nama arrbsu, ari'atuu fi nama dubbii jaalatusin ture. Garuu, utuun hin amanin, beekumsa malee waanan hojjedheef araaran fudhadhe. <sup>14</sup>Ayyaanni gooftaa amanii fi jaalala Yesuus kiristoosiin ana irra darbaa dhangala'e. <sup>15</sup>Ergaan kun fudhatamuudhaaf amansiisaa fi ga'aadha; akka Yesuus cubbamoota fayyisuudhaaf gara biyya lafaa dhufe. Isa ani isa amiisa geggeessaafii ta'e. <sup>16</sup>Garuu sababii kanaaf, araaran argadhe, ana keessatti, isa ajajaa, Yesuus kiristoos obsa hundumaa ni argisiisa, inni kana hundumaa warra isatti amananii jirenyaa bara baraa fudhataniif akka fakkeenyaaatti godhe. <sup>17</sup>amma mootuu barootaaf, isa hin dune, hin argamne, Waaqayyo isa qulqulluu, ulfinni baraa hanga bara baraatti haa ta'uuf. Amen. <sup>18</sup>ani abboommii kana isin duran kaa'a, Ximotewos ilma ko, akka raajii isa duraan waa'ee keetiif dubbatameetti, akka ati lola amantii isa gaarii loltuuf, <sup>19</sup>Amantii fi qalbii gaarii

## Chapter 1

qabaattee. Kana dhiisanii, amantii isaanii akka caccabaa doonii godhaniiru.<sup>20</sup> Warri akka Himnewosii fi Iskindir, warra akka isaan nama hin arrabsineef ani seexana itti gadi dhiise.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Kanaaf, hundumaa dura, himannaai, kadhannaa, iyyataa fi galata namoota hundumaaf akka ta'un gaafadha.

<sup>2</sup>Moototaa fi warra aboo irra jiran hundumaaf, akka nuti jirenya nagaa fi tasgabbii fi Waaqayyoon fakkaachuu fi kabaja hundumaan jiraannuuf. <sup>3</sup>Kun Waaqwayyo keenya isa fayyisaa biratti gaarii fi fudhatamaadhas.<sup>4</sup>Inni akka namoonni hundumtuu fayyanii fi gara dhugaa beekuuttis dhufaniif ni barbaada..<sup>5</sup>Waaqayyo tokkichatu jira, namaa fi Waaqayyo gidduu immoo kan walitti fidu tokkotu jira, nama isa Kiristoos Yesuus. <sup>6</sup>Inni furii godhee hundumaaf ofii isaa kenne, akkuma dhuga ba'umsichaa yeroo isa sirriitti. <sup>7</sup>Kaayyoo kanaaf, ani isa labsuu fi ergamaa ta'een muudame; ani dhugaan dubbadha. Ani hin sobu, akkasuma barsiisaa warra ormootaa amantii fi dhugaadhaan.<sup>8</sup> Kanaaf, ani akka dhiironni bakka hundumaatti akka aarii fi falmii malee harka isa qulqullaa'aa ol kaasani nan barbaada. <sup>9</sup>Akkasuma, akka dubartoonnis uffata gaarii uffatan, gitaa fi of-qabuudhaanis, rifeensa dhaa'ame yookaan warqee yookaan dhagaa gati jabeessa ykn uffata gatiin isaa cimaa., <sup>10</sup>Garuu, waan dubartootaaaf malu, warra karaa hojii isa gaarii Waaqayyoon dhugaa ba'an.<sup>11</sup> Dubartiin calliftee barachuu fi of kennuu walii galaan barachuutu irra jira. <sup>12</sup>Anii akka dubartiin barsiiftuu fi aboon hojjettu hin eyyamu, garuu calliftaa haa jiraattu.<sup>13</sup> Sababii Addaam dura argameef, isa booda immoo Hewaan. <sup>14</sup>Addaam hin gowwomsamne, garuu dubartittiit gowwosamee irra daddarbituus taate. <sup>15</sup>Haa ta'u melee, garaa ijoollee godhachuu immoo ni fayyiti, isaan amantii fi jaalala fi qulqullummaa fi of qabuudhaan yoo itti fufan

## Chapter 3

<sup>1</sup>Dubbiin kun amanamaadha, namni tokko yoo geggeessaan ta'uu hawwe, inni hojii gaarii hawwuu isaati. <sup>2</sup>Kanaaf, geggeessaan immoo maqaa gaarii qabaachuutu irra jira. Inni abbaa manaa haadha manaa tokkoo ta'uutu irra jira, gaarii, nama of qabu, nama naamusa qabuu fi nama keessummaa simatu. Nama barsiisuu danda'us ta'uutu irra jira. <sup>3</sup>Nama araara waynii hin qabne, lola jaallatu hin ta'in; garuu, garraamii fi nama naga qabeessa haa ta'u. Inni nama qarshii jaal'atu hin ta'in. <sup>4</sup>Namaa gaarii godhee maatii isaa bulchu haa ta'u, akka ijolleen isaa kanaa hundumaan, issaaf abboomamanii fi isa kabajan mirkaneessutu irra jira. <sup>5</sup>Namni kun yoo akka itti maatii isaa bulchu hin beeku ta'e, akkamitti karra Waaqayyoof dhimmuu danda'aree? <sup>6</sup>Inni nama dhiyeenya amane hin ta'in, akka of tuulummaan of-bokoksee, akka isa hamaatti dheekkamsa jalatti hin kufnetti. <sup>7</sup>Akkasuma nama warra bakkee biratti dhuga ba'umsa gaarii qabu, akka wal dhabdee fi kiyooo sexanaatti hin kufnetti. <sup>8</sup>Akkasuma, diyaaqunoonni, haa kabajamni, warra arraba lamaa hin ta'in. isaan wayinii baay'ee hin dhugin yookaan sassatoo hin ta'in. <sup>9</sup>isaan dhoksaa amatii qalbii qulqulla'aadhaan eeguutu irra jira. <sup>10</sup>Isa dursanii ilaalamuutu irra jira, isa booda namoota waan ittiin jedhan waan hin ta'iniif tajaajiluutu irra jira. <sup>11</sup>Akkasuma, warri manaa isaanii kabajamoo malee, warra maqaa balleessan hin ta'in. gitumatti ta'anii immoo waan hundumaan amanamoo haa ta'an. <sup>12</sup>Diyaaqunoonni, warra haadha manaa tokkoo haa ta'an; isaan warra ijoolee fi abbaa warraa isaanii seeraan qabatan haa ta'an. <sup>13</sup>Warra gaarii godhanii tajaajilan, ofii isaaniitiif dhaabbanna gaarii fi ija jabina guddaa amantii isa Yesuu kiristoos keessatti ni argatu. <sup>14</sup>Yeroon waantota kana isiniif barreessu, gara keessan dhufuuf nan hawwa. <sup>15</sup>Garuu yoo ture, akka isin itti mana Waaqayyoo keessatti itti jiraachuun isin irra jiruuf kana isiniif barreess; isa waldaa amantoota Waaqayyoo isa jiraataa ta'e, isa utubaa fi deggeraa dhugaa ta'e. <sup>16</sup>Nuti hundumti keenya akka dhoksaan Waaqayyoon beekuu guddaa akka ta'e beekna. "Inni foonin mul'ate,hafuuraanis mirkanaa'eera. Ergamootaan immoo kennname,Saboota gidduutti labsame,Biyya lafaa keessatti itti amanameera,Ulfinaanis ol fudhatame."

## Chapter 4

<sup>1</sup> Amma caaffanni qulqulla'aan ifatti, bara dhumaatti namoonni amantii dhiisanii gara hafuuraa gowwosaa fi bariisa hamootaati ni goru jedha. <sup>2</sup>Warri sobduun, warri sammuun isaanii jal'ate. <sup>3</sup> Akka namoonni wal hin fuuneef ni dhowwu, akka isaan nyaata isa Waaqayyo uumee, warri amananii, dhugaas beekan galataanis hin fudhannee fi irraas of quusataniif ni gaafatu. <sup>4</sup>Waaqayyo uumama hundumaaf gaariidha, waanti galateeffatamee fudhatame kan gatamu hin jiru. <sup>5</sup>Innis sababii dubbii Waaqayyoo fi kadhaanaadhaan qullaa'eefi. <sup>6</sup>Isin yoo waanota kana obboloota dura keessan, Yesuu Kiristoosiif tajaajiltoota gaarii taatu. Isin waan dubbii sagalee amantii fi barsiisa gaarii isa hordoftaniin sooramaa jirtaniif. <sup>7</sup>Dubbii seenaa isa namootni dulloomoon himan ciigga'aa. Qooda isaa, gara Waaqayyoon fakkachuutti ofii keessan leenjisaa. <sup>8</sup>Muuxannoona qamaa xiqqoo bu'a qabeessa, Waaqayyoon fakkaachuuun garuu waan hundumaaf gargaara. Inni waadaa jireena isa ammaa fi jireenya isa mul'achuuf jiruuti. <sup>9</sup> Sagaleen kun amanamaadha; guutummaattis fudhatama qaba. <sup>10</sup>Nuti kanumaaf joorree rakkannas. Waaqayyoo isa jiraataa waan abdannuuf, isa fayyisaa nama hundumaa ta'e, keessumaa immoo warra amanan. <sup>11</sup> namoottaaf gorsaatii barumsa kanas barsiisaa. <sup>12</sup>Eenyu illee dargaggeessa ta'uu kee hin tuffaatin, ati garuu dubbiidhaan, amalaan, jaalaa fi qulqullummaadhaan amantoottaaf fakkeenya ta'i. <sup>13</sup>Amman dhufutti, dubbisca dubbisuutti, akekkachiisuu fi barsiisutti cimi. <sup>14</sup>Kennaa isa si keessa jiru hin tuffatin, isa karaa raajii siif kanname, isa harki geggeessitoota sirra kaa'uun siif kenname. <sup>15</sup>Isaan kanaaf of eeggadhu. Isaa keessa ta'i, guddachuun kee warra kaaniif ragaa akka ta'utti. <sup>16</sup>Ofii keefis warra kaaniifis gatii kenni. Isaan kana itti fufi. Kan gochuu keetiin, ofii kees warra si dhaggeeffatanis ni fayystaa.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Nama dulloomaa hin ifatin, qooda isaa, akka abbaatti isa gorsi. Dargaggoota akka obbolootaatii gorsi.

<sup>2</sup>Dubartoota dulloomoo akka haadhaatti, dubartoota warra dargaggoota immoo akka obboleettotaatti, qulqullummaa hundumaan.<sup>3</sup>Dubartoota abbaan manaa irraa du'e kabajaa, warra abbaan manaa seeraa irraa du'e.<sup>4</sup>Garuu immoo yoo dubartoonni sun ijoolee yookaan ijoolee, ijoolee isaanii qabaatan, isaan jalqaba maatii ofii isaaniitti kabajan haa argisiisu haa barani. Maatii isaaniif deebii haa kennan, sababiin isaa kun

Waaqayyoon hammachiisuudha.<sup>5</sup>Garuu dubartoon abbaa manaa irraa du'e isheen sirriin, isheen qofaa ishee hafte, isheen abdii ishee Waaqayyoo irratti gattee, yaada garaa ishee gaafachuu fi halkanii fi guyyaas kadhata itti fufte,<sup>6</sup>Ishee of gammachiisuudhaaf jiraattu garuu, har'ima iyyuu utuu jirtuu duuteetti.<sup>7</sup> Isaan kanaanis akkasuma isaan gorsi, akka isaan muda maleeyyi ta'aniif.<sup>8</sup>Garuu yoo namni, fira ofii isaatiif hin kenuu ta'e, keessummaa maatii isaatiif, inni amantii isaa gateera, akkasuma inni warra hin amanin irra gati dhabeessa ni ta'a.<sup>9</sup>Dubartiin abbaan manaa irraa du'eera kedhamtee galmeeffamuun irra jiru umuriin ishee waggaa ja'atamaa gadi hin ta'in. haadha manaa abbaa manaa tokkoo.<sup>10</sup>ishee dhuga ba'umsa hojii gaarii qabaachuutu irra jira; ijoolle kunuunsuu haa ta'u, yookaan keessummota simachuu, yookaan miilla namoota qulqullootaa dhiquu, yookaan warra rakkatoota gargaaruu, yookaan nama hojii gaariif of kenne.<sup>11</sup>Garuu akkuma dubartoota dargaggoota abbaan manaa irra du'eetti, tarree keessatti hin barreessinaa. Isaan waan faallaa Kiristoos fedha foon isaaniitti kennamaniif.<sup>12</sup>Akkasitti, of kennuu isaanii isa jalqabaa waan dhiisaniif dheekkamsi itti dhufa.

<sup>13</sup>Yeroodhuma tokko, isaan dhibaa'ota ta'u ni baratu, manaa mana irras ni naanna'u. isaan dhibaa'ota qofaa miti. Dubbii waa'ee hin baasne dubbatu, qaamni isaaniiis boqonnaa hin qabu. Dubbii jechuun isaan irra hin jirre dubbatu.<sup>14</sup>Kanaa ani akka dubartoonni dargaggeeyyiin abbaan manaa irra du'e heeruman, ijoolee akka godhatan, mana geggeessanii fi akka isaan warra maqaa maqaa ni balleessanii carraa hin kennine nan barbaada.<sup>15</sup>Baay'ee seexana duukaa bu'aniiru.<sup>16</sup>Yoo dubartiin amantuun tokko dubartoota abaan abbaan manaa irraa du'e qabaatte, isheen isaan haa gargaartu, waldaa kiristiyaanaatti ba'aa akka hin taanetti; gargaarsa dubartoota abbaa manaa hin qabnee isa sirriis ni ta'a.<sup>17</sup>Geggeessitooni warri gaarii godhanii geggeessan immoo, warra hojii lama hoijetaniif gatii haa kannani, keessummaa warra sagalichaa fi barsisaanis itti dadhaban.

<sup>18</sup>Caaffatni qulqulla'aan, "yeroo inni midhaan, siribisiisu quotiyoo afaan isaa hin hidhin" jedha. Akkasuma, "hojjetaaf miindaan ni ta'aaf" jedha.<sup>19</sup> dhuga baatoa lama yookaan sadii yoo jiraatan malee himata maanguddoo irratti dhiyaate hin fudhatin.<sup>20</sup>warri hafan akka sodaatanitti, warra cubamotoa sirreessi.<sup>21</sup>Ani kabajaan sin dheekkama, Waaqayyoo fi gooftaa Yesuus fi ergamotoa warra fo'aman duratti, utuu wal hin caalsichin abboommii kana akka eegduuf, loogii malee akka hojjettuuf.<sup>22</sup>ariifattee nama tokko irra iyyuu harka hin kaa'in, cubbuu nama kan biraas hin qooddatin. Qulqullummaatti ofii kee eegi.<sup>23</sup>Kana booda bishaan hin dhugin. Qooda isaa, garaadhaa fi isa walitti fufee si dhukkubuuf jecha wayinii xiqqoo dhugi.<sup>24</sup>Cubbuun namoota tokko tokko ifatti beekamaadha; isaanis murtoodhaaf isaan dura ni adeema. Cubbuun inni kaan garuu booda dhufa.

<sup>25</sup>Akkasuma, hojiin gariin ifatti beekamaadha; garuu warrumti kaan iyyuu immoo hin dhokatani.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Warri akka garbaatti waanjoo jala jiran, gooftota ofii isaaniif kabajni hundumtuu ni jedhanii haa yadani. Kana immoo akka maqaan Waaqayyoo fi barsiifni hin arrabsameef gochuutu irra jira. <sup>2</sup>Garboonni warri gooftota amane qaban, kabaja isaan dhowwachuun irra hin jiru, sababiin isaa obboloota. Qooda isaa, caalsichanii tajaajiluutu iyyuu irra jira. Warri bu'aa kana fudhatan amantootaa fi jaallatamoo waan ta'aniif. Waantota kana labsii barsiisi.<sup>3</sup>Yoo namni tokko barsiisa sobaa barsiisee dubbii dhugaa isa isa kan gooftaa keenya Yesuus kiristoosii fi barsiisa waaqummaa isaan yoo morme, <sup>4</sup>Inni oftuulaa fi nama homaa hin hubanneedha. Inni jeequmsa keessatti fedhii sirrii hin taanee fi falmii waa'ee sagalee isa hameenya, lola, arrabsoo, shakii hamaa qaba. <sup>5</sup>Akkasuma, namoota warra qalbiin isaanii bade gidduutti walitti bu'iinsa addaan hin cinne. Isaan dhugaa gataniiru, Waaqayyoon fakkachuun immoo karaa ittiin qarshii baay'ee argataniidha jedhanii yaadu.<sup>6</sup>Nama Waaqayyoo ta'uun, bu'aa gammachuu guddaa qaba. <sup>7</sup>Gara biyya lafaatti waanta fidre waan hin qabneef, isa keessaa waan fudhannu hin qabnu. <sup>8</sup>Qooda isaa, nyaataa fi ufatatti haa gammadnu.<sup>9</sup> Amma warri badhadhummaa isa qormaataan guute argachuu barbaadan, gara kiyyotti. Isaan gowwummaa guddaa fi fedhii miidhaa qabu keessatti ni kufu. Gabatee hundumaa isa nama miidhuu fi belleessu keesatti. <sup>10</sup>Jaalallii maallaqaa hidda hammeenya waan hundumaa waan taeef. Namoonni warri isa jaallatan, amantii irraa kaatanii, ofii isaanis gadda guddaadhaan waraananiiru.<sup>11</sup> Ati garuu, nama Waaqayyoo, waantota kana irraa fagaadhu. Qajeelummaa, hordofi, Waaqayyoon fakkaachuu, amanamummaa, jaalala, obsa fi gaarummaa hordofi. <sup>12</sup>Lola gaarii isa kan amantii loli. Jirenya bara baraa isa itti waamamte qabadhu. Isa namoota dhuga baatota baay'ee durattu dhugaa baate.<sup>13</sup>Ani abboommii kana Waaqayyoo dirattin sitti kenna, isa waan hundumaaf jirenya kenuu, akkasuma Kiristoos Yesuus durattu, isa Phonxos Phiilaaxos qoramee dhuga ba'umsa gaarii kenne. <sup>14</sup>Akka abboommicha balleessaa fi komee malee, hanga gooftaa keenya Yesuus kiristoos deebi'ee dhufutti eegduuf.<sup>15</sup> Waaqayyo dhufaatii Kiristoos yeroo isa sirriitti ni mil'isa; Waaqayyo, inni eebbfamaa fi guddaan, mootii inni moo'uu fi gooftaa inni geggeessu. <sup>16</sup>isa qofaatu hin du'u, ifa isa sirrii keessas ni jiaraata. Eenu iyyuu isa arguu yookaan ilaaluun hin danda'u. Isaf ulfinnii fi gooftummaan bara baraa haa ta'u. Amen. <sup>17</sup> Warra sooresoota biyya lafaa kanaa gorsi, akka isaan of tuulanii qabeenyaa isaanii isa amansiisaa hin ta'in abdii hin godhanneef. Qooda isaa, Waaqayyoon haa abdatan. Inni akka itti hammannuuf qabeenyaa dhugaa hundumaa nuuf ni kenna. <sup>18</sup>Akka isaan waan gaarii hoijetaniif itti himi, akka isaan hojii gaariidhaan badhaadhanii fi kenuufis garraamotaa fi fedha qabeeyyi ta'aniif. <sup>19</sup>Haala akkasiin, ofii isaaniiif isa dhufuuf jiruuf bu'uura gaarii ka'atu; ittiinis jirenya isa dhugaa argatu. <sup>20</sup>Yaa Ximotewos, isa sitti kennname eegi. Haasaa ciiggaasisaa fi homaa hin qabne dhiisi, yaada waliin mormu, waanta sobaa isa beekusma jedhami irraas fagaadhu. isa beekumsa sobaa jedhamee beekamus. <sup>21</sup>Namoonni tokko tokko kana labsu; dhugaa irraa waan kaataniif. Ayyaanni sii wajjin haa ta'u.

## 2 Timothy

## Chapter 1

<sup>1</sup> Phaawulos, fedha Waaqayyoo keessaan ergaa Yesuus Kiristoos, akka waadaa jirenya isa Yesuus Kiristoos keessa jiruutti, <sup>2</sup>Ximotewoosiif, ilma isa jaallatamaa. Ayyaanni, araarrii fi nagaan Waaqayyo abbaa fi gooftaa keenya Yesuus Kiristoos bira. <sup>3</sup>Waaqayyoon nan galateeffadha, isan akkuma abboota kootii tajaajilu, sammuu qulqulluudhaan, yeroon walitti fufee kadhata koo keessatti halkanii fi guyyaa si yaadadhu. <sup>4</sup>Yeroon imimmaan kee yaadadhu, si arguun hawwa, akkan gammachuudhaan guutamutti. <sup>5</sup>amantii kee isa sirrii nan yaadadhe; isa jalqaba akkoo kee Lo'isii fi haadha kee Ewuniqee keessa ture. Akka inni si keessas jitu amaneera. <sup>6</sup>Kun egaa akka ati kenna Waqaqayyoo isa si keesa jiru ani harka sirra kaa'uudhaan argatte ammas akka qabsiiftuuf si yaadachiisuufi. <sup>7</sup>Waaqayyo hafuura sodaachuu nuuf hin kennine, humnaa fi jaalalaa fi naamusa malee. <sup>8</sup>Kanaaf, waa'ee gooftaa keetii dhugaa ba'uu hin sodaatin, waa'ee koos Phaawulos, isa isaaf hidhame. Qooda isaa, egaa akka akak humna Waqaqayyotti wangeelaaf dhiphachuu keessa qooda qabaadhu. <sup>9</sup>Isa nu fayyissee hafuuraan immoo nu waame. Inni kana godheera, akka hojii keenyaatti immoo miti, garuu akka yaadaa fi ayyaana isaatti malee, isa utuu yeroo isaa illee hin eegalin Kiristoos Yesuus keessaan nuuf kenne. <sup>10</sup>Amma garuu, fayyisuu Waqaqayyoo karaa mul'achuu fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos argameera. Isa du'a balleessee, jirenya fidee fi du'u dhiisuu gara ifaatti karaa wangeelaa. <sup>11</sup>Sababii kanaaf, ani lallabaa, ergamaa fi barsiisaa ta'ee muudameera. <sup>12</sup>Kanaf jedhees isaan kanaaf nan dhiphadha; garuu immoo itti hin yeella'u, eenyuun akkan amane

waanan beekuuf. Akka inni waanan itti amane kana hanga guyyaa dhumaatti eeguu danda'u amaneera.

<sup>13</sup>Fakkeenya dubbii isa amanamaa ana irraa dhageessee sana eegi, <sup>14</sup>Waan gaarii isa Waaqayyo sitti kenne, hafuura qulqulluu isa si keessa jiraatu keessaan eegi,<sup>15</sup>Ati kana beekta, akka warri Asiyaa keessa jiraatan hundumtuu ana irraa deebi'an. Garee kana keessan Fiigelosii fi Hermogenesistu jiru. <sup>16</sup>Waaqayyo mana Onesiforosiif araara haa kenuu, irra deebi'ee waan ana haaressee fi hariiroo anaa wajjin qabutti waan hin qaana'iniif. <sup>17</sup>Qooda isaa, inni yeroo Roomaa ture, dhimmee barbaadee ana argate. <sup>18</sup>Guyyaa sanatti araara akka argatuuf gooftaan isa haa gargaaru. Efesonitti karaa inni ittiin ana gargaare hundumaa, ati gaari gootee beekta.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Ati kanaaf, yaa ilma ko, ayyaana isa Yesuus Kiristoos biraargatetti jabaadhu. <sup>2</sup>isa dhuga baatoa hedduu duratti ana irraa dhageesse, namoota anamamoo ta'an warra kan biraabarsiisuu danda'anitti dabarsii kenni.<sup>3</sup> Akka loltuu gaatii Yesuus Kiristoositti anaa wajjin dhiphina keessaa hirmaadhu. <sup>4</sup>Loltuun kam iyyuu jirenya dhimmoota kanaa keessa utuu jiruu, geggeessaa isaa gammachiisuudhaaf jedhee tajaajila dhimma kan biraakessa hin seenu. <sup>5</sup>Akkasuma, namni gorgommee fiigichaatti jitu tokko, yoo akka qajaalfama fiigicha sanaatti hin fiigu ta'e gonfoo hin fudhatu. <sup>6</sup>Akka qotee bulaan jabaan ga'ee ija midhaanii isaa isa jalqabaa fudhatuuf barbaachisaadha. <sup>7</sup>Waa'ee waanan jechaa jiruu itti yaadi, Waaqayyos waan hundumaan hubannaa siif kenna.<sup>8</sup> Yesuus Kiristoosiin yaadadhu, isa ilma Daawiti ta'e, isa du'aa'is ka'e. Kun akka ergaa wangeela kootiitti, <sup>9</sup>Isa ani dhiphachaafii jiru, isa ani akka nama yakka godheetti fuuncaan hudhameefii, garuu immoo sagaleen Waaqayyoo immoo hin hidhamu. <sup>10</sup>Kanaaf ani isaan waan hundumaa warra fo'amaniif jedhee nan obsa; isaanis fayyina isa Kiristoos Yesuus keessa jiru akka fudhataniif, ulifna bara baraa wajjin.<sup>1211</sup> Kun dubbii amanamaadha: "Nuti yoo isaa wajjin duuneerra ta'e, isaa wajjinis ni jiraanna.<sup>12</sup> Nuti yoo obsine, isaa wajjin ni moona. Nuti isa ganne, innis nu gana.<sup>13</sup> Nuti yoo amanamuu didne, inni garuu ananameedhuma hafa. Inni ofii isaa ganuu waan hin dandeenyeef.<sup>14</sup> Isaan kana isaan yaadachiisuu itti fufi. Akka isaan sagalicha irratti wal hin lolleef Waaqayyoo duratti isaan abboomi; inni namoota warra dhagaa'n diiga malee, bu'aa hin qabu. <sup>15</sup>Ofii kee akka nama fudhatameetti Waaqayyoof of dhiyeessuuf hanga dandeessu hujedhu. Akka hujjetaa waan itti qaan'u hin qabne, nama isa sirriitti sagalee dhugaa sana barsiisuu.<sup>16</sup> Dubbii waa'ee hin baafnee fi duwwaa irraa fagaadhu, isa caalchisee gara Waaqayyoon wallaaluutti nama geessu. <sup>17</sup>Haasaan isaanii akka kaanserii tamss'a. Himnewosii fi Filexos isaan keessa tokko. <sup>18</sup>Warra dhugicha irraa fagaatan, isaan , du'aa ka'uun ammuma iyyuu ta'eera jedhu, kanaanis amantii namootaa ni balleessu.<sup>19</sup> Haa ta'u malee, bu'urri jabaan inni kan Waaqayyoo ni dhaabata. Barreeffama "Waaqayyo warra kan isaa ta'an ni beeka" jedha; akkasuma, "Namni maqaa gooftichaa waammatu hundutmuu, xuraa'ummaattii adda ba'uutu irra jira" jedha. <sup>20</sup>sooressaa keessa qodaa warqee fi meetii qofaatu jira miti. Qodaan mukaa fi suphees jira. Keessa muraasni bu'aa kabajamaaf ta'u; warri kaan immoo waan bu'aa hin qabneef. <sup>21</sup>Namni tokko yoo waan bu'aa hin qabne irraa of qulleesse, inni qodaa isa bu'a qabeessa. Inni adda ba'eera, gooftaa isatiif bu'a qabeessa, hujii gaarii hundumaafis qophaa'aadha.<sup>22</sup> Fedha targaggumma irraa baqadhu. Qajeelummaa, amantii, jaalaa fi nagaa warra garaa qullaa'aadhaan gooftaa waammatanii wajjin hordofi. <sup>23</sup>Gaaffii isa gowwaa fi waa'ee hin baasne of irraa ittisi. Akka isaan lola dhalan ni beekta.<sup>24</sup>Tajaajilaa Waaqayyoo loluun irra hin jiraatu. Qooda isaa namoota hundumaaf garraamii ta'uutu irra jira, nama barsiisuu danda'uu fi obsaa. <sup>25</sup>Nama hubannaadhaan warra mormitoota isaa qajeelchu. Tarii Waaqayyo akka isaan dhugaa beekaniif yaada qalbii jijiirranna ni kennaaf ta'a. <sup>26</sup>Isaan ammas warra garaa qulqulla'aa ta'nii kiyyoo seexanaa keessaas ni ba'u ta'a, erga isaa fedha isaan booji'amaniif booda.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Garuu kan beeki: bara dhumaatti yeroon ulfaataan ni ta'a. <sup>2</sup>Namonni kan of jaallatan ta'u, warra qarshii jaallatan, of tuuloo, of jajoo, warra arrabsan, warra maatii isaanii arrabsan, warra kabajan hin beeknee fi xuraa'oota ta'u. <sup>3</sup>Waara jaalala hin qabne, warra araarsuu hin dandeenye, warra maqaa namaa balleessanii fi of hin to'anne, warra lola jaallatan fi waanta gaarii jibban ta'u. <sup>4</sup>Isaan warra ganan ni ta'u, warra eeggannaa hin qabne, of tuultota, warra Waaqayyoon caalaa qabeenyaa jaallatan. <sup>5</sup>Isaan bifaa nama Waaqayyoo beekuu qabu, garuu humna isaa immoo ni ganu. Namoota akkasii irraa fagaadhu. <sup>6</sup>Isaan keessaa muraasni dhiirotaa waan ta'aniif, warra gara manaatti seenanii dubartoota gowwoota ta'an wallaachisaniidha. Dubartoonni kun warra cubbuun irra tuulamee fi warra fedhii addaa addaatiin oofamniidha. <sup>7</sup>Dubartoonni kun yeroo hundumaa ni baratu, garuu tasa gara beekumsa dhugaa hubachuutti dhufuu hin danda'aani. <sup>8</sup>Akkasuma, akkuma Yaaneesii fi Yaambires Museedhaan morman, barsiisonni sobaa kunis dhugaadhaan ni mormu. Isaan warra sammuun isaanii manca'eedha, amantiittis kufaniiru. <sup>9</sup>Garuu immoo fagoo hin adeemani, gowwummaan isaanii namoota hundumaa biratti beekamaa waan ta'eef. Akkuma namoota warra sanaa. <sup>10</sup>Isin garuu, barsiisa, amala, kayyoo, amantii, dhiphina dheeraa, jaalalaa fi obsa koo hordoftaniittu; <sup>11</sup>ari'atamuu, dhiphinaa fi waan Anxooqiyaa, Iqooniyuumii fi Lisxiraatti tti ana irra ga'e, Ani ari'atmuu obseera. Isaan hundumaa keessaa, Waaqayyo ana oolche. <sup>12</sup>Warri Kiristoos keessaan Waaqayyoon fakkaatanii jiraachuu barabaadan hundumtuu ni ari'atamu.

<sup>13</sup>Namoonni hamoonnii fi warri fakkeessitoonni ittumaa gara gadheetti adeemu, warra kaanis dogoggorsanii ofis ni dogoggoru. <sup>14</sup>Isin garuu, isa barsiifamtanitti qabamaatii amantii jabaas qabaadhaa. Isin enyyuu irraa akka barattan beektu. <sup>15</sup>Akka mucummaatii kaasee caaffata qulqull'aa barsiifatme ati beekta. Kun immoo fayyina isa amantiidhaan Kiristoos Yesuus keessa jiruuf ogeessa si taasisa. <sup>16</sup>Caaffatni qulqulla'oon hundumtuu akka yaada Waaqayyootti ta'e. Barumsa bu'uura wangeelaaf, balleessaa hubachiisuuf, qajaalchuu fi qaaqlummaatti laanjusuuf bu'aa ni buusa. <sup>17</sup>Kun immoo akka namni Waaqayyoo dorgomaa fi hojii gaarii hundumaa qophaa ta'uufi.

## Chapter 4

<sup>1</sup> Ani abboommii kabajamaa kana Waaqayyoo fi Kiristoos Yesuus durattin siif dhiyeessa; isa warra jiranii fi warra du'nitti faradu, sababii mul'achuu isaa fi mootummaa isaa. <sup>2</sup>sagalicha lallabi, yeroo mijataa fi mijataa hin taane keessatti qophaa'aa ta'i. Nama balleessa isaa hubachiisi, ifadhu, gorsi, obsaa fi barsiisa hundumaan.<sup>3</sup>Yeroo itti namoonni barsiisa sirrii jibban ni dhufa. Isaan akka fedha ofii isaaniitti barsiisota walitti ni qabatu; warra waan gurra isaaniitti tolu dubbatan. <sup>4</sup>isaan dhugaa dhaga'u irraa gurra isaanii ni deebisu, gara qoosaatti ni deebi'u, <sup>5</sup>Ati garuu, waan undumaan nama qalbii qabu ta'i. dhiphina keessaa hirmaadhu, hojii wangeelaa hojjedhu, tajaajila keessaa bakkaam ga'i. <sup>6</sup>Anis sababiin siin boonuuf. Yeroo adda ba'u u kootii ga'eera. <sup>7</sup>ani lola isa gaarii sana loleera, dorgommichas xumureera, amantiis egeera. <sup>8</sup>gonfoon qajaalummaas anaaf qophaa'eera, inni Waaqayyo, inni qajeelaan faradu, guyyaa sana nama anaaf kenna, ana qofaaf immoo miti, warra dhufaatiis isaa eeggatan hundumaafis malee. <sup>9</sup>Ariitiidhaan gara koo dhufuudhaaf waan dandessuu godhi. <sup>10</sup>Deemaas ana dhiisee adeemeera. Inni biyya lafaa jaallatee gara Tasaliiniqeetti sokke. Kiresques Galaatiyaa dhaqe, Tiitos immoo Daalmaatiyaa dhaqe. <sup>11</sup>Luqaas qofaatu ana biratti hafe. Maarqosin ofii kee duukaa anaaf fidi, inni tajaajila kana keessatti bana barbaachisa waan ta'eef. <sup>12</sup>Xiqikoosiin immoo gara Efesoonitti ergeera. <sup>13</sup>Waaroo ani Xiraa'ositti Kaarphos biratti dhiise, yeroo dhuftu fidii kottu. Akkasuma macaafotas sanas, keessumaa caaffata gogaa duugamaa sana. <sup>14</sup> Iskindir inni sibiila tumu, waanta hamaa baay'ee ana irratti hojjete. Waaqayyos akka hojii isaatti isaaq ni deebisa. <sup>15</sup>ati isa irraa of eeggadhu. Sababiin isaaa inni jabeessee dubbiin keenyaan mormeera. <sup>16</sup>Famii koo isa jalqabaa keessatti, namni tokko illee ana waliin hin turre. Qooda isaa, hundumtuu ana dhiise. Kun isaanitti hin lakkaa'amin. <sup>17</sup> Garuu imoo Waaqayyotu anaa wajjin ta'ee ann jajjabeesse, ana keessaan, akkal labsiin ergichaa guutummaatti fiixaan ba'uuf, akkasuma akka warri ormaas guutummaan isaanii dhagaa'aniif. Anis immoo afaan leencaa keessaan oole. <sup>18</sup>Waaqayyo afaan waan hamaa hundumaa keessaa ana oolcha, mootummaa isaa waaqa irraafis na fayyisa. Isaaf ulfinni baraa hanga bara baraatti haa ta'u. Amen. <sup>19</sup>Phrisqilaa, Aqilaa fi maatii Oneesiforos dubbisi. <sup>20</sup>Erasxos Qoronxositti hafe, Xiroofimosiin immoo dhukkubsannaanin Mileexositti dhiise. <sup>21</sup>Utuu ganni hin ga'in dhufuu yaali, Yubulus, Liinos, Kilaawudiyyaa fi obboloonni hundumtuu nagaa si gaafatu. <sup>22</sup>Waaqaayo hafuuraan isinii wajjin haa ta'u, ayyaanni isinii wajjin haa ta'u.

## Titus

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawulos, tajaajilaa Waaqayyoo fi ergamaa Yesuus Kiristoos amantii namoota warra Waaqayyoof fo'amaniif fi dhugaa beekuu isa Waaqayyoon fakkachuu wajjin waliif galuu. <sup>2</sup>abdii jirenya bara baraa Waaqayyooo, isa hin sobdne, isa baroota dura kakuu galamee wajjin. <sup>3</sup>Yeroo isa sirriitti inni dubbii isaa keessaan mul'ise; isa ani akka abboommii Waaqayyoo fayyisaa keenyaatti itti amaneen. <sup>4</sup>Tiitoosiif, ilma isa karaa amantii wali wajjin qabnuu, Waaqayyo annaa fi fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos biraayyaannii fi naagaan siif haa ta'u. <sup>5</sup>Dhimma kanaaf jedheen Qarxeesitti si dhiise, akka ati waantota warra amma iyyuu hin xumuramin jiran toora qabsiiftuu fi geggeessitoota magaalota hundumaa keessatti muuddu akkuman si abboomee turetti. <sup>6</sup>Warri geggeessaan kun nama waan ittiin komatamu hin qabne, nama haadha manaa tokkoo, nama ijoollee amanamoo waan ittiin himataman hin qabnee fi dhibaa'ota yookaan warra hin abboomamne hin qabne. <sup>7</sup>Warra to'ataniif akka nama maatii Waaqayyoo geggeessaniitti namoota waan ittiin komatamn hin qabne ta'uun barbaachisaadha. Nama of tuulu kan hin taane, nama dafee hin aarre, nama araada wayinii hin qabne, nama falmii jaallatuu fi karaa sirrii hin taane bu'aa argachuu barbaadu kan hin taane. <sup>8</sup>Qooda isaa, nama nama simatu, nama waan gaarii jaal'atu, nama ofii isaa bitu, gaarii, qajeelaa fi nama of to'atu ta'uun irra jira. <sup>9</sup>ergaa isa amanamaa dhugaa barsiifame jabeessee qabachuutu irra jira. Isaan warra kaan ittiin akka jajjabeessuuf, barsiisa amanamaa fi sirriin wara isaan morman ittiin sirressuuf. <sup>10</sup>Namoonni murmitoonni, warri akkasumaan dubbatanii fi warri gowwomsitoonni, keessumaa warra kitaaanaman irraa. <sup>11</sup>Isaan cal jechisiisuun barbaachisaadha. Isaan bu'aa nama yellaasisu waan barsisuun isaan irra hin jirre barsiisuudhaan maatii hundumaa gaddisiisaa jiru. <sup>12</sup>Rajota isaanii keessaa tokko, "Warri Qareexis yeroo hundumaa ni sobu, bineesota hamoota, dhibaa'ota warra garrati" jedhe. <sup>13</sup>Dhuga ba'umsi kun dhugaadha. Kanaafis, cismsii isaan sirreessi, akka isaan amantii keessatti amanamoo ta'aniif. <sup>14</sup>Akka isaan mammaksa warra Yihudotaa yookaan abboomiwan namoota warra dhugaa irraa deebi'aniitti gatii hin kennineef. <sup>15</sup>Warra qullaotaaf, waanti hundumatuu qulla'aadha. Warra xuraa'otaaf garuu,

## Chapter 1

wanti qulqulluun hin jiru. Garuu sammuu fi qalbiin isaanii xuraa'eera.<sup>16</sup>ni raagu, hojii isaaniitiin garuu isa ni fanu; isaan jibbisiisoodha, kan hin abboomamnee fi hojii gaarii tokkoof illee kan hin taane.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Ati garuu, waan qajeelfama isa sirrii sanaa wajjin wal simatu dubbadhu. <sup>2</sup>Akka maanguddoonti warri dhiironni, of hin ganne, kabajamoo, hubatoo ta'anii fi amantiittis jabaa fi obsa qabeeyyii ta'aniif barsiisi.<sup>3</sup>Akkasuma, akka dubartoonni warri maanguddoonti amala isaaniin kabajamoo ta'an, warra maqaa namaa hin ableesine yookaan wayinii baay'eef garboota kan hin taane, garuu immoo barsiisota waan gaarii akka ta'aniif barsiisi.

<sup>4</sup>Akkasuma akka dibartoonni warri dargaggoonni abbaa manaa isaanii jaallataniif leenjisi, akkasuma akka isaan ijoolee isaanii jaallataniif. <sup>5</sup>akka isaan hubatoota ta'an, qulqulloota, mana eegdota gaarii fi warra abbootii manaa ofii isaanii abboomaman akka ta'aniif. Sagaleen Waaqayyoos akka waan hamaatti akka hin dubbamatneef.

<sup>6</sup>Akkasuma, akka dhiironni warri dargaggooni miira gaarii gargaaramaniif jajjabeessi. <sup>7</sup>Karaa hundumaa fakkeenyaa hojii gaarii godhii ofii kee dhiyeessi. Barsiisa kee keessatti, amanamummaa, ulfina mul'isi. <sup>8</sup>Akkasuma, ergaa amanamaa isa cephoo hundmaan ol ta'e; akka namni siin mormu waan gadhee waa'ee keenyaas dubbatu dhabee qaana'utti.<sup>9</sup>Warri garboonni gooftotaa isaanii, waan hundumaan warra abboomaman haa ta'an, isaan gammachiisuuf malee isaaniin falmuuf miti. <sup>10</sup>Akka isaan jalaa hin hanne, garuu qooda isaa amantii gaarii hundumaa akka argisiisan, karaa hundumaan barsiisa waa'ee Waaqayyo keenya isa fayyisaatti gatii akka kennaniif.<sup>11</sup>Ayyaanni Waaqayyo fayyina ilmaan namootaaf waan tamsa'eera. <sup>12</sup>Inni akka nuti Waaqayyo malee hin jiraannee fi fedhii biyya lafaa dhiifnuuf nu leenjisa; akkasuma jirenya of qabuu, qajeelummaa fi bara kana keessa jirenya Waaqayyoon beekuu. <sup>13</sup>Yeroo abdi keenya isa eebbifamaa argachuudhaaf gara fuula duraa ilaallu, mul'achuun ulifna Waaqayyo keenya isa guddaa fi fayyisa Yesuus kiristoos. <sup>14</sup>Yesuus ofii isaa nuuf kennee seera maaleessummaa hundumaa jalaa nu fure, akkasuma ofii isaa saba addaa godhachuudhaaf warra waan gaarii hojjechuudhaaf hawwii qaban .<sup>15</sup>Waa'ee isaan kanaa dubbadhu, akka namoonni hojjetaniif jajjabeessi, aboo hundumaan qajeelfama kenni. Namni kam illee sin tuffatin.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Akka isaan reerichaa fi warra aboo qabaniif of kennaniif isaa yaadachiisi, akka isaan isaaniif abboomaman, akka isaan hojii gaarii hundumaafis qophaaa'niif. <sup>2</sup>akka isaan nama tokko iyyuu hin arrbsine, akka lolaaf hin kakaane, garraamota akka ta'an, namoota hundumaatti gaarummaa akka argisiisan. <sup>3</sup>Nutis yeroo tokko wallaalotaa fi kan hin abboomamne waan turreef. Dogoggorree, fedhaa fi ganmachuu addaa addatiif garboota turre, hammeenyaa fi jibbaatti jiraanneerra. Nuti warra jibbisiisoo fi wal jibbanis turre. <sup>4</sup>Garuu yeroo gaarummaan Waaqayyoo fayyisaa keenyaa fi jaalalli inni ilmaan namoof qabu mul'te, <sup>5</sup>Hojii qajaalummaa keenyaan hojenne miti; garuu araara isaatiin nu fayyise. Dhiqanna dhalachuu haaraa keessaa fi hafuuraan haara'u Hafuura Qulqulluutiin. <sup>6</sup>Waaqayyo guddisee karaa fayyisaa keenya Yesuus Kirisoos nurratti dhangalaase. <sup>7</sup>Kanaaf, ayyaana isaatiin quollofnee, abdii dhaaltota jirenya bara baraa qabna. <sup>8</sup>Ergaan kun amanamaadha. Waantota kana cimsee si gaafachuun barbaada, akka warri Waaqayyootti amanan eeggannaadhaan, hojii gaarii keessatti ofii isaanii hirmaachisaniif. Waantonni namoota hundumaaf gaariidha, bua qabeessas. <sup>9</sup>Garuu, falmii akkasumaanii, hidda dhalootaa fi lolaa fi walitti bu'iinsa waa'ee seeraa dhiisi. Waantonni sun bu'aa hin qabani, gatiis hin qabani. <sup>10</sup>Nama isin gidduutti addaa addummaa uumu, ergaa yeroo tokko yookaan lama akekkachiiifte booda tuffadhu. <sup>11</sup>Akka namni sun daandii isa qajeelaa irraa jal'ate, cubbuus gochaa jiruu fi offi isaa ceephaa jiru beeki. <sup>12</sup>Yeroon Arxemaasiin yookiis Xikiqoosin gara keetti erge, akka isaan saffisaan gara koo Niqophoolisiin dhufan, yeroo ganna dabarsuuf murteesse. <sup>13</sup>Zenaasiis isa abbaa seeraa fi Apholoosiin erguudhaaf waan gochuu dandeessu godhi. Akka homtuu isaanitti hin hir'annetti. <sup>14</sup>Namoonni keenya hojii gaarii isa fdhii hatattaamaaf ta'u keessatti qooda fudhachuu barachuutu irra jira; ija dhabeeessii akka hin taanetti. <sup>15</sup>Warri anaa wajjin jiran hundumtuu nafaa siif dhaamu. Warra amantii keessatti nu jaallatan nuuf dubbisi. Ayyaanni hunduma keessanii wajjin haa ta'u.

## Philemon

## Chapter 1

<sup>1</sup>Phaawulos, Yesuus kiristoosiif hidhamaa fi Ximotewos obboleessa, hiriya fi hidhata hojii keenyaa Filemonaaf. <sup>2</sup>Aafiya obboleettii keenyaa fi Arkiphools hidhata wal'aansoo keenyaa, akkasuma waldaa amantootaa isa mana kee keessatti walitti qabamuuf. <sup>3</sup>Ayyaanni siif haa ta'u; nagaanis Waaqayyo abbaa keenyaa fi gooftaa Yesuus Kiristoos biraa. <sup>4</sup>Yeroo hundumaa yeroo kadhanna koo keessatti si yaadadhu Waaqayyoo koo nan galateeffadha. <sup>5</sup>Sababiin isaa amantii isa ati gooftaa Yesuusitti qabduu fi jaalala ati namoota qulqulloota hundumaa qabdu nan dhaga'a. <sup>6</sup>amantii kee gooduun kee bu'a qabeessa akka ta'uuf nan kadhatha. Ati akka waa'ee waantota gaarii nuti Kiristoos keessatti qabnuuf hubanna gaarii qabaattuuf. <sup>7</sup>Ani sababii jaalala keetiif gammachuu fi jajjabina guddaa argadheera; sababiin isaa garaan namoota qulqulloota Waaqayyoo siin haara'eera, obboleessa. <sup>8</sup>Kanaaf, yoodhuma ani Kiristoos keessatti waan ati hojjechuun sirra irra si abboomuuf ija jabina qabaadhe illee, <sup>9</sup>Amma iyyuu jaalala irraan kan ka'e, qooda isaa sin gaafadha, ani Phaawulos, jaarsichi, amma immoo Yesuus Kiristoosiif jedhee hidhamee kanan jiru. <sup>10</sup>waa'ee ilma koo Onesimoos sin gaadadha, isa ani hidhaa keessatti abbaa isaa ta'eef, <sup>11</sup>Inni duraa siif dhimma kan hin baasne ture, amma garuu siifis anaafis bu'a qabeessa. <sup>12</sup>Ani deebisee gara keetti isa ergeera, inni garaa koo keessa jira. <sup>13</sup>Inni, utuu ana biratti hafee bakka kee ana tajaajilee nan jaal'adhan ture; yeroon wangeelaaf jedhee hidhamee jirutti. <sup>14</sup>Garuu, fedha keen alatti homaa tokko gochuu hin barbaanne. Hojin gaariin kee fedhiidhaan malee, dirqamaan ta'u isaa hin barbaanne. <sup>15</sup>Tarii kanaaf jedhee yeroodhaaf sittii adda ba'eera; atis akka deebifte isa argattuuf. <sup>16</sup>Inni kana booda garbicha miti; obboleessa isa jaallatamaadha. Keessumaa inni anaaf jaallatamaadha. Siif immoo ni caala, fooniinis gooftaa keessattis. <sup>17</sup>Kanaaf yoo akka hidhata hojiitti ana qabaatte, akka kootti isa simadhua. <sup>18</sup>Yoo inni sitti balleesseera yookiis waa si jalaa fuudheera ta'e, anatti lakkaa'i. <sup>19</sup>Ani Phaawulos, kana harka kootiin siif barreessa. Ofii kootiin siif baasa. Ati akka ati ofin kee kan koo taate homaa hin dubbadhu. <sup>20</sup>Eyyee, obboleessa, Gooftaa keessatti ati dhimma anaaf baasi. Kiristoos keessatti garaa ana ciibsi<sup>21</sup> waa'ee abboomamuu kee itti amanee, kana siif barreessa. Akka ati isan gaafachaa jiru kana caalaa hojjettu beeka. <sup>22</sup>Akkasuma, kutaa keessummaa anaaf qopheessi; karaa kadhanna keetii gara keetti akka deebi'u waanan abdadhuuf. <sup>23</sup>Ephaafraas, Yesuus kiristoos keessatti milttoon koo isa hidhamaanis si dubbisa. <sup>24</sup>Maarqos, Arsxaarkos, Deemaasii fi Luqaa hojjetootni michootni koos. <sup>25</sup>Ayyaanni gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hafuura kee wajjin haa ta'u. Ameen.

## Hebrews

### Chapter 1

<sup>1</sup>Baroota dheeraa dura, Waaqayyo yeroo adda addaatti karaa hedduudhaan raajotaan abboota keenyatti dubbataa ture.. <sup>2</sup>Garuu baroota dhumaan kanatti, inni karaa Ilma isaa isa dhaaltuu waan maraa ta'eetiin nutti dubbate. Waaqayyo kan inni ardii kana hojjetes karaa isaatiin ture. <sup>3</sup>Inni calqqisa ulfina Waaqayyoo ti, jiraachuu isaatiif bakka bu'aa isa dhugaa. Inni jecha aangoo isaatiitiin wanneen mara walitti isaan qaba. Cubbuu namootaa erga isaan irraa qulleesse booda, inni mirga Mooticha isa ol aanaa dhaqee taa'eera.<sup>4</sup>Inni akkuma maqaan inni dhaale kan isaanii irra caala ta'e sanatti, inni ergamoota Waaqayyoon ol kan jiru ta'e. <sup>5</sup>Waaqayyo ergamaa isaa isa kamiin akkana jedhee beeka,"Ati Ilma koo ti, Ani har'an Abbaa siif ta'e"?Yookaan Waaqayyo ergamaa isaa isa kamiin iyyuu akkana jedhe,"Ani Abbaan isaa ta'a,Akkasumas inni Ilma anaaf ta'a."<sup>6</sup>Garuu ammas, Waaqayyo yommuu isa angafa dhalate gara adduunyaa kanatti fidu, akkana jedha, "Ergamoonni Waaqayyoo marti isa waaqessuu qabu."<sup>7</sup>Waa'ee ergamoota Waaqayyootiif inni akkana jedha,"Inni isa ergamoota isaatiif hafuura kennuu dha,Akkasumas tajaajiltoota isaatiif ibidda boba'u."<sup>8</sup>Garuu Ilmaan akkana jedha,"Teessoon kee, yaa Waaqayyo, bara baraan jiraata.Uleen qajeelinaas ulee mootummaa keetii ti.<sup>9</sup>Ati qajeelina jaallattee, seer-dhabbiinsa jibbite.Kanaafuu, Waaqni kee, siin warra si faana jiran hundumaa irra dibata gammachuutiin si dibeera."<sup>10</sup>Jalqaba irratti, yaa Gooftaa, ati hundee lafaa keesse.Samiiwanis hojii harka keetii ti.<sup>11</sup>Isaan ni badu, ati garuu dabartee ni jiratta. Isaan akka cittuu wayyaatti ciccitani badu.<sup>12</sup>Ati akka harka uffataatti isaan dadachaafta,Isaanis akkuma cittuu uffataatti ni jijiiramu.Ati garuu isuma sana, baroonti kees dhuma hin qaban."<sup>13</sup>Garuu Waaqayyo ergamaa isa kamiin iyyuu akkana jedhee beeka, ."Ati gara harka koo mirgaa taa'I hangan diinota kee ejennaa miila keetii siif godhutti"?<sup>14</sup>Ergamoonni marti hafuurota warreen fayyina dhaalan tajaajilan miti moo?

## Chapter 2

<sup>1</sup>Kanaafuu nuyi wanneen dhageenye sanaaf xiyyeffanna guddaa kennuu qabna, isa irraa akka hin gorretti.

<sup>2</sup>Ergaan inni karaa ergamoota Waaqayyootiin dubbatamee ture amanamaa yoo ta'eef, irra daddarbaanii fi abboomamuun dhabuun inni kam iyyuu kafaltii irra deebii fudhata, <sup>3</sup>nuyi egaa yoo fayyina isa gudda sana tuffanne, akkamittiin of oolchina ree? Fayyinni kun isa jalqaba irratti Gooftaadhaan labsamee booda immoo warra isa dhaga'een nuuf mirkanaa'ee dha. <sup>4</sup>Yeruma tokkichatti Waaqayyos mallatoodhaan, dinqiiwwanii fi raajiiwwan adda addaatiin, akkasumas kennaawwan Hafuura Qulqulluu akka fedha isaatiitti namootaaf kennuudhaan ni dhugoomse. <sup>5</sup>Addunyaa isa nuyi akka inni dhufuuf jiru waa'ee isaa dubbannu kana Waaqayyo ergamootatti hin laanneetii. <sup>6</sup>Garuu namni tokko bakka tokkottiakkana jechuudhaan mirkaneesseera, "Akka ati waa'ee isaa irratti yaadduuf namni maali? Yookaan ilmi nama, akka ati isaaf yaadduuf?" Ati nama xiqqoodhuma ergamoota Waaqayyoo irra xiqqeesitee; Ati isa ulfinaa fi kabajaan isa gonfitee. F<sup>8</sup> Ati waan hundumaa miilla isaa jala galchiteefii. "Waaqayyo waan mara kan inni kenne isattiitii. Waan kamiin iyyuu otuu isatti hin kenning hin hanbifne. Garuu nuyi amma wanti marti harka isaa keessa galee hin arginu. <sup>9</sup>Garuu nuyi isa Yesuus isa yeroo xiqqoodhaaf ergamoota xiqqoo gad aanaa ta'ee ture sana argina, akka inni sababa dhiphinaa fi du'a isaatiif ulfinaa fi ulfinaa fi aangoodhaan gonfame sana, innis namoota maraaf ayyana Waaqayyootiin du'a dhandhamate. <sup>10</sup>Kunis kan inni ta'e Waaqayyoof wanti marti isaaf karaa isaa jiraachuun qajeelaa waan t'eefi, ilmaan hedduus gara ulfinaatti fiduun. Isaaf fayyina namootaaf bu'ura isa ta'e Goofticha akka inni dhiphachuu isaatiin kana raawwatu gochuunis qajeelaa ture. <sup>11</sup>Inni qulqulleessus ta'e warreen qulqulleeffaman lamaanuu burqaa tokkicha qabuutii. Kanaafuu inni obboloota jedhee isaan waamuudhaaf hin yeellane. <sup>12</sup>Inni akkana jedha, "Ani maqaa kee obboloota kootti nan labsa, Ani yaa'ii keessaa waa'eekee nan faarfadha." <sup>13</sup>Ammas immoo, "Ani isa nan amanadha. Ammas immoo, "Ilaalaa, anii fi ijoolleen koo warreen Waaqayyo naaf kenne kunoo ti." <sup>14</sup>Kanaafuu, ijoolleen immoo foonii fi dhiiga waan hirmaatanifi, innis wanneen kanneen haaluma kanaan hirmaateera, isa aangoo du'aa qabu sana akka balleessuu danda'uuf, innis immo seexana. <sup>15</sup>Kun kan inni ta'eefis warreen bara isanii guutuu soda du'aa jala jiraataa turan akka isaaniin biliisa baasuufi. <sup>16</sup>Dhugaatti inni kanneen inni gargaaru ergamoota Waaqayyoo mitiitii, garuu dhaloota Abraahaami malee <sup>17</sup>Kanaafuu inni waan maraan akka inni obboloota isaa fakkaatuuf barbaachisaa ta'ee argameera, akka inni waan maratti iyyuu Waaqayyoof isa araara qabuu fi luba ol anaa ta'u akka inni danda'uufi, cubbuu namootaatiifis akka inni gatii baasuuf. <sup>18</sup> Yesuus ofii isaatiif dhipatee fi qoramee waan tureef, isaan warreen qoraman gargaaruudhaaf dandeetti qaba.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Kanaafuu, obboloota qulqullootaa, waamicha isa samii irraa ta'etti isin ni hirmaattu. Waa'ww Yesuus isa ergamaadhaa fi luba isa ol aanaa amantii keenyaa ta'ee yaadaa. <sup>2</sup>nni Waaqayyo isa isa muudeef amanamaa ture, akkuma Museen mana Waaqayyoo maraaf manamaa turetti <sup>3</sup>Yesuus ulfina kan Musee irra caalu argachuutu malaaf, sababiin isaas namichi inni mana ijaaru man asana caalaa ulfina-qabeessa waan ta'eef. <sup>4</sup>Manni kam iyuu nama ta'e tokkoon ijaaramaatii, garuu waan mara kan ijaare Waaqayyoo dha.<sup>5</sup>Museen akka tajaajilaa Waaqayyoootti guutummaa mana Waaqayyoo keessatti amanamaa ture, waa'ee wanneen gara fuul-duraatti dubbatamuudhaaf jiranii kan dhugaa ba'us ture. <sup>6</sup>Garu Kiristoos akka Ilmaatti amanamaa dha, itti gaafatamaa mana Waaqayyoo tis. Nuyi mana isaa ni taana yoo jajjabina keenyaa fi abdii isa ittiin of jajnu sanatti yoo jabaannee jiraanne.<sup>7</sup>Kanaafuu, inni kun akkuma Hafuurri Qulqulluun jedhu Sanaa dha:"Har'a, yoo sagalee isaa dhageessan<sup>8</sup>yaada garaa keessanii hin jabeessinaa akka fincilaatti,Yeroo qoramsa isa lafa onaa keessattii."<sup>9</sup>Inni kun immoo yommuu abbootiin keessan ana qoruudhaan ana irratti fincilanii dha, hojiwwan kan koo erga arganii booda,<sup>10</sup>waggoota afurtamaaf. Kanaafuu ani dhaloota sanatti aareera.Akkanan ittiin jedhe, "Isaan yeroo mara yaada garaa isaanitiin karaa irraa jal'ataniiru.Isaan karaa kan koo hin beekne."<sup>11</sup>Inni kun akkuma ani gadda koo keessatti: 'Isaan tasa iyyuu boqonnaa kootti hin galan.'"<sup>12</sup>Of eeggadhaa, yaa obboloota ko, isin keessaa namni tokko illee akka yaada garaa amantii hin qabne hin qabaannetti, yaada garaa isa Waaqayyo isa jiraataa irra gara galu. <sup>13</sup>Garuu walii keessan guyyaa guyyaadhaan wal jajjabeessaa, hanga ini "har'a" jedhamuu waamametti, isin keessaa namni tokko illee gowwomsaa cubbuutiin garaan isaa hin jabaannetti.<sup>14</sup>Nuyi hidhata Kiristoos taaneerraatii yoo jalqabaa hanga dhumaatti amananna keenya isa irratti jabeeffan. <sup>15</sup>Waa'ee isa akanaaakkana jedhameer tureetii,"Har'a, isin yoo sagalee koo dhageessan,Yaada garaa keessanii hin jabeessinaa,akka yeroo fincilaatti."<sup>16</sup>Inni Waaqayyoon dhaga'ee isa irratti fincile eenyuu dha? Isaan warra karaa Museetiin biyya Gibxiitii ba'an sana mitii?<sup>17</sup>Inni waggoota afurtamaaf kan inni itti aaraa ture eenyu? Isaan warra cubbuu hojjetanii reefiisaanii lafa onaa keessatti kukkufee hafe sana mitii?<sup>18</sup>Eenyuudhaan kan inni boqonnaa kootti hin galtan ittiin jedhe, warreen isaaf abboomamuu didan sana yoo hin ta'in?<sup>19</sup>Nuyi ni argina akka isaan boqonnaa isaatti hin galin sababa amantii dhabina isaaniitiif.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Kanaafuu, amma iyyuu kakuun boqonnaa isaatti galuu sun waan dhaabbatee jiruuf, kottaa ni sodaannaa, akka isin keessaa namni tokko illee kakuu sana irraa hin hir'annetti. <sup>2</sup>Nuyis akkuma isaanii hoduu gammachiisaan sun nutti himameeraatii. Garuu ergaan sun warreen abboomaman waliin tokko hin ta'inii hin fayyadne.<sup>3</sup>F Nuyi warreen amanne akkuma inni jedhe sanatti boqonnaa isaatti ni gallaatii,"Akkuman aarii koo keessatti kakadhetti,Isaan tasa boqonnaa kootti hin galan."Yoo inni kun ta'e iyyuu, hojiin isaa uumama biyya lafaa irraa kaasee raawwatameera. <sup>4</sup>Inni waa'ee guyyaa isa torbaffaa bakka ta'etti dubbateeraatii: <sup>5</sup> Ammas irra deebi'ee barreeffamuma kana keessattiakkana jedhe,"Waaqayyo guyyaa isa torbaffaatti hojiwwan isaa irraa ni boqote."<sup>6</sup>Isaan tasumaa boqonnaa kootti hin galan.<sup>6</sup>Kanaafuu, boqonnaa sanatti galuun kan namoota muraasaa ta'ee hafa, warri dursee oduu gammachiisaan sun itti labsame sababii abboomamu dhabuu isaaniitiif itti hin galleetii. <sup>7</sup>Kanaafuu Waaqayyo ammas guyyaa tokko beellameera,akkana jedhee isa waamuudhaan "Har'a," yommuu karaa Daawitiin dubbatetti jechoota dursee caqafamaniin:"Har'a yoo sagalee isaa dhageessan,yaada garaa keessanii hin jabeessinaa."<sup>8</sup>Iyyasuun otuu boqonnaa isaaniif kennee jiraatee, Waaqayyo wa'ee guyyaa kan biraan hin dubbatu tureetii. <sup>9</sup>Kanaafuu Sanbanni kan biroon sabni Waaqayyoo akka itti boqotuuf ol kaa'ameef tokko ni jira. <sup>10</sup>Namni inni boqonnaa Waaqayyootti galu innis ofii isatii hojiwwan isaa irraa ni boqotaatii, akkuma Waaqayyo hojiwwan isaa irraa boqotetti. <sup>11</sup>Kanaafuu boqonnaa sanatti galuudhaaf haa hawwinu, eenu illee abboomamu dhabuu isa akka warri sun qabaatanii turaniitti akka hin galleef.<sup>12</sup>Dubbiin Waaqayyoo jiraataadhaa fi kan hojii irra jiruu dha haaduu qara lama qabu irra qaramaa aka ta'etti. Inni hanga lubbuudhaa fi hafuura, hiddaa fi ribuu addaan baasuttii fi yaadaa fi karoora yaada garaa namaa hanga hubatutti keessa gadi ni seenaatiit. <sup>13</sup>Wanti uumame kan Waaqayyo duraa dhokachuu danda'u tokko illee hin jiru, garuu ija isa nuyi amanachuu qabnu fuul-duratti wanti marti qullaadhaa fi banamaa dha.<sup>14</sup>Kanaafuu, nuyi luba isa ol aanaa isa samiiwwan keesa darbe, Yesuus Kiristoos Ilma Waaqayyoo waan qabnuuf, kottaa amantii keenyatti haa jabaannuu. <sup>15</sup>Nuyi luba ol aanaa isa dadhabbi keenyatti garaa nuuf hin laafne hin qabnuutii. Qooda kanaa, isa akkuma keenya cubbuu irraa kan hafe waan maratti qorame qabna. <sup>16</sup>Egaa kottaa amantiidhaan gara teessoo ayyaanaa ni deemnaa, kan yeroo barbaachisaa ta'etti nu gargaaru araaraa fi ayyaana akka argannuuf.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Lubni ol aanaan, inni namoota gidduudhaa fo'amu, wanneen dhimma Waaqayyoo ta'an irratti namoota bakka bu'ee akka dhaabbatuuf muudama, akka aarsaa waa'ee cubbuutiif dhi'aatuu fi kennaa dhi'eessuuf. <sup>2</sup>Inni of eeggannaadhaan warreen hubannaa hin qabnee fi warreen gowwomfaman ni gargaara, innis akkuma isaanii dadhabina waan qabuuf. <sup>3</sup>Sababa kanaatiif, inni cubbuuwwan ofii isaatiifis aarsaa ni dhi'eessa, akkuma cubbuu warreen kaaniitiif dhi'eessutti. <sup>4</sup>Namni isa kanaaf kabaja argatu tokko illee hin jiru. Qooda kanaa, akkuma Aaron waamamee ture sanatti Waaqayyoon waamama. <sup>5</sup>Haaluma wal fakkaatuun, Kiristoosis ofii isaa luba ol aanaa gochuudhaan kabaja ofiif hin kenuu. Qooda kanaa, inni isatti dubbatu akkana jedheera, ani har'a Abbaa kee ta'eera." <sup>6</sup>Inni kun akkuma isa inni bakka biraatti akkana jedhuu ti, "Ati bara baraan luba dhalubicha Malkataadiqiin hordoftee." <sup>7</sup>Yeroo inni fooniin turetti, Kiristoos kadhannaas isaa fi gaaffiwwan isaa sagalee guddaadhaa fi imimmaaniin Waaqayyo isa du'a irraa isa oolchuu danda'utti dhi'effataa ture, jirenya qajeelaa waan inni jiraataa tureef kadhannaan isaas dhaga'ameera. <sup>8</sup>Inni Ilma yoo ture illee, wanneen dhiphate sana irraa abboomamuu barateera. <sup>9</sup>Inni qulqulluu ture, warreen isaaf abboomaman maraafis sababa fayyinnaa ta'eeef. <sup>10</sup>Inni akkuma Malkatsaadiq Waaqayyoon luba ol aanaa taasifame. <sup>11</sup>Nuyi waa'ee Yesuus waan jennu waan hedduu qabna, garuu isin dhaga'utti daagota waan taataniif isiniif ibsuun ulfaataa dha. <sup>12</sup>Yeroo kanatti isin barsiisota ta'uun otuu isiniif maluu, isin amma illee nama wanneen sasalphaa dubbi Waaqayyo isin barsiisu barbaaddu. Isin aannan barbaaddu, nyaata jabaataa otuu hin ta'in! <sup>13</sup>Namni aannan qofa sooratu nama erga waa'ee qajeelinaatti muuxannoo ga'aa hin qabneedhaatii, inni ammuma iyyuu daa'ima xiqqaa dha. <sup>14</sup>Garuu nyaanni jajjabaan nama bilchaateefi. Isaan kunneen warreen sababii bilchina isaaniitiif wanneen gaarii wanneen gadhee irraa adda baafachuudhaaf leenjifamanii dha.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Yoos egaa, kotaan ergaa Kiristoos isa jalqabaa dhiifnee fuul-duratti gara bilchinaatti ni deemnaa. Hojiwwan du'aa fi amantii Waaqayyotti qabnuuf qalbii jijiirrannaadhaaf bu'uura kaa'uu ni dhiifnaa, <sup>2</sup>yookaan bu'uura barsiisa waa'ee cuuphaa, harka nama irraa kaa'uu, du'aa-ka'uu warreen du'anii fi murtii isa bara baraa. <sup>3</sup>Kanas kan nuyi goonu yoo Waaqayyo jedhee dha. <sup>4</sup>Inni kun hin danda'amuutii warreen takka hubattoota ta'aniif, warreen kennaa isa samii irraa dhandhamataniif, warreen Hafuura Qulqulluu iraa hirmaattotta ta'aniif, <sup>5</sup>akkasumas warreen dubbi Waaqayyoo isa gaariidhaa fi aangoo bara isa dhufuuf jiruu dhandhamaataniif, <sup>6</sup>garuu deebi'anii irraa kufaniif—isaaniin gara qalbii jijiirrannaatti deebisanii fiduun hin danda'amu. Inni kun kan inni ta'uufis isaan Ilma Waaqayyoo ofii isaaniitiin fannisaniiru, akkasumas uummata fuul-duratti isa yeellasisaniiru. <sup>7</sup>Lafti inni bokkaa isa irratti roobu dhuguudhaan biqilaawan warreen lafichi hojjetameef bu'a-qabeessa ta'an ni biqilcha—inni kun lafa isa Waaqayyo biraa eebba fudhatuu dha. <sup>8</sup>Garuu inni yoo qoraatiidha fi baalaan waraantee biqilche, inni homaafuu waa'ee hin baasu waan ta'eef abaarsa irraa fagoo hin jiru. Dhumni isaas gubachuu ta'a. <sup>9</sup>Garuu nuyi waa'ee keessaniif waan gaggaarrii dhageenyerra, jaallatamtootaa, waa'ee wanneen fayyinaa irratti, akkanatti dubbanna yoo ta'e illee. <sup>10</sup>Waaqayyo jal'ina hin hojjetuutii. Inni hojji keessanii fi jaalala isa isin maqaa isaatiif argisiiftan hin irraanfat, sababiin isaa isin saba isaa warra qulquloota tajajiltaniittuutii, ammas tajaajila jirtuu. <sup>11</sup>Nuyi guddifnee hawwina akka tokkoon tokkoon keessan hanga dhumaatti amanamummaa kanatti akka jiraattan, abdiin keessan akka dhugoomuuf. <sup>12</sup>Kun kan inni ta'uufis akka isin dhibaa'ota hin taaneefi, garuu akka isin akkeessitoota warreen amantiidhaa fi obsaan isa abdatame sana dhaalanii akka taatanii. <sup>13</sup>Waaqayyo Abrahaamiif yommuu kakuu galetti, ofii isaatiin kakate, nama kan biroo isaa ol jiruun kakachuu waan hin dandeenyeef. <sup>14</sup>Inniakkana jedhe, "Ani sin ebbisa, dhaloota hedduus siifan kenna." <sup>15</sup>Karaa kanaan, Abrahaam erga obsaan eggataa tureee booda isa abdachiifame sana ni argate. <sup>16</sup>Namoonni nama isaanii ol jiru tokkoon kakatuutii. Wal falmii isaanii mara booda, kakuudhaan jabeessu. <sup>17</sup>Waaqayyo yommuu qulqullina kaayyoo isaatii isa hin jijiiramne sana ifatti mul'isuudhaaf murteesetti, inni kakuudhaan xumure. <sup>18</sup>Inni kan inni kana godheef wanneen hin jijiiramne lamaan—Waaqayyoof sobuun akka hin danda'amne—nuyi, warreen koolu-galtummaadhaaf badne, jajjabina cimaa ittiin abdii fuula keenya dura jiru kana qabanna. <sup>19</sup>Nuyi isa kana akka gaachanaatii fi da'oo amanamaa lubbuu keenyaatti qabaanna, abdii isa iddo Isa keessaa golgaa duddubaatti seenu, <sup>20</sup>bakka Yesuus, inni nu dursee deeme, bakka keenya bu'ee itti seenee jiru. Inni luba ol aanaa isa akka Malkatsaadeq ta'eera

## Chapter 7

<sup>1</sup>Inni Malkatsaadiq, mootii Saaleem, luba Waaqayyo Isa Ol Aanaa, isa Abrahaamiin deebii qalma moototaa irratti argatee isa eebbisee dha. <sup>2</sup>Isaaf ture Abrahaam kan inni waan mara keessa kudhan keessaa tokko keenneef. Jalqaba, hiikaan maqaa isaatii kan inni jedhu, "mootii qajeelinaa"; achi irraa immoo inni "mootii Saaleemi," kunis, "mootii nagaa." <sup>3</sup>Inni abbaa hin qabu, haadha hin qabu, akaakilii hin qabu, guyyoota jalqabaatii fi dhuma jireenyaas hin qabu. Akkasumas Ilma Waaqayyoo fakkaachuuudhaan, inni bara bараан luba ta'ee hafa. <sup>4</sup>Ilaalaa namichi Abrahaam wanneen lola irratti argate keessaa kurnaffaa kenneef kun hangam guddaa akka inni ta'e. <sup>5</sup>Ijoolleen Leewwi warreen waajjira lubummaa qabatan akka seerichaatti uummata sana irraa kurnoo akka guuraniif abboommii qabu, kana jechuunis, obboloota isaanii irraa otumaa isaanis ijoollota Abrahaam ta'anii jiranii iyuu. <sup>6</sup>Garuu Malkatsaadiq, inni qomoon isaa isaan waliin hin lakkaa'amne, kurnoo Abrahaam irraa fudhate, isa isa dursee kakuu qabu sana ni ebbises. <sup>7</sup>Namni gadi aanaan tokko isa ol aanaadhaan akka eebbfamu kan ganamu miti. <sup>8</sup>Haala kanaan, namoonni warri du'an kurnoo fudhatu, garuu haala is asana keessatti inni ittuma fufee jiraata. <sup>9</sup>Akkasumas, halla dubbannaatiin, Leewwii, inni kurnoo fudhate, karaa Abrahaamiin kurnoo baaseera, <sup>10</sup>sababiin isaa yommuu Malkatsaadiq Abrahaamiin wal argetti Leewiin qaama akaakilii isaatii keessa ture. <sup>11</sup>Amma otuu karaa lubummaa Leewwummaatiin muda-dhabeenyi ni argama ta'eetii (sabni karaa sanaan seericha fudhatan waan ta'eef), lubni kan biroon inni Malkatsaadiqiin fakkaatu ka'uun maaliif barbaachisaa ta'e, Aaroniinis maaliif hin fakkaanne? <sup>12</sup>Yommuu lubummaan jijiiramatutti, seerichis ni jijiiramaatii. <sup>13</sup>Inni asitti waa'een isaa dubbatamu kun qomoo kan biroo irraa ti, qomoo tasumaa keessaa namni bakka aarsaatti tajaajilee hin turre. <sup>14</sup>Amma egaa ifatti Gooftaan keenya kan inni dhalate Yihuudaa irraa ti, qomoo Museen waa'ee lubummaatiif tasa maqaa hin dha'in. <sup>15</sup>Wanti nuyi jennuu caalaa kan inni ifa ta'u immoo yommuu lubni kan biroon fakkaattii Malkatsaadiqiin ka'uun dha. <sup>16</sup>Inni kun kan inni luba ta'e ulaagaa qaamaatiin otuu hin ta'in, garuu aangoo bara bараан jiraachuutiini. <sup>17</sup>Caaffanni qulqulla'aan waa'ee isaatiif akkanatti dhugaa ba'atii:"Ati toora Malkatsaadiqiin luba bara baraa ti."<sup>18</sup>Abboommii inni duraa kan inni dhiifameef dadhabaadhaa fi kan dhimma hin baafneef otuu hin ta'in— <sup>19</sup>seerichi waan tokko iyuu muda-dhabeessa gochuu waan hin dandeenyeefi—garuu abdii kan biroonis kennemeera, isa nuyi ittiin gara Waaqqayyooti itti dhi'aannu. <sup>20</sup>Akkasumas inni kunis kakuu malee miti! Warreen kaan kakuu malee luba ta'an, <sup>21</sup>garuu inni kakuu isaakkana isaan jedheetiin luba ta'e, "Gooftaan kakateeraa yaada isaas hin jijiiru:'Ati luba bara bara ti.'" <sup>22</sup>Isa kanaanis Yesuu kakuu isa wayyuuf wabii kenneera. <sup>23</sup>Lubooni warreen duraanii lakkoofsi isaanii hedduu dha, akka isaan waajjira isaanii keessatti itti hin fufneef duuti isaan dhowwa waan tureef. <sup>24</sup>Garuu Yesuu itti fufee bara bараан jiraata waan ta'eef, inni lubummaa dhaabbataa qaba. <sup>25</sup>Kanaafuu inni warreen karaa isaatiin Waaqayyotti dhi'aatan guutummaatti fayyisuudhaaf dandeetti ni qaba, sababiin isaa inni isaaniif falmuudhaaf yeroo hundumaa ni jiraata. <sup>26</sup>Akka nuyi luba ol aanaaakkanaa, isa qulqulluu ta'e, gara-laafessa ta'e, mudaa kan hin qabne, cubbamoota irraa kan adda ba'e, samii olittis kabajamee kan jiraatu, qabaachuun kan ta'uudhaatii. <sup>27</sup>Inni akka luboota ol aanoo warreen kaanii aarsaa guyyaa guyyaa, dura cubbuu kan ofii isaatiitiif, achii immoo kan namoota kan birootiif, dhi'eessuun isa hin barbaachisu. Inni isa kana yeroo tokkoo fi yeroo hundumaatiif raawwateera yommuu aarsaa of godhe sanatti. <sup>28</sup>Seerichi namoota warra dadhaboota ta'an luba ol aanoo isaan godha tureetii. Garuu jechi kakuchaa,,, inni seericha boodaan dhufe sun, Ilma isa bara bараан muda-dhabeessa ta'e sana muude.

## Chapter 8

<sup>1</sup>Amma qabxiin waan nuyi irratti dubbataa jirru isa kanaa dha: Nuyi luba isa ol aanaa isa gara harka mirgaa teessoo Mootii isa waaqa irraa jiruu taa'ee jiru ni qabna. <sup>2</sup>Inni tajaajilaa iddoq qulqullaa'aa ti, mana qulqullummaa isa dhugaa isa Gooftaan, nama otuu hin ta'in, ijaaree. <sup>3</sup>Lubni ol aanaan inni kam iyyuu kennaadhaa fi aarsaa dhi'eessuudhaaf muudama. Kanaafuu waan dhi'eessan tokko qabaachuu nama gaafata.

<sup>4</sup>Amma Kiristoos otuu lafa irra jiraateera ta'ee, inni tasumaa luba ta'uu hin danda'u, sababii warri akka seerichaatti kennaa dhi'eessan waan jiraniif. <sup>5</sup>Isaan waraabbiidhaa fi gaadidduu wanneen waaqa irraa tajaajilu. Inni akkuma Museen Waaqayyoon akeekkachiifamee dha yommuu mana qulqullummaa ijaaruudhaaf ka'etti: Waaqayyoakkana jedhe, "Wanneen mara akka toora tullucha irratti siif kennnameetti akka gootu ilaalladhu."<sup>6</sup>Garuu amma Kiristoos tajaajila isa hedduu caalaa ta'e fudhate, akkuma inni ta'e gidu-galeessa kakuu isa wayyuu ta'etti, innis immoo abdiwwan warra wayyu irratti kan hundaa'ee dha. <sup>7</sup>Yoo kakuun inni duraa kan dogongora of keessaa hin qabne ta'eef, isa lammataatiif taateen qophaa'u hin jiru tureetii.<sup>8</sup>Waaqayyo yommuu namoota biratti dogongora argetti,akkana jedhe,"Ilaali, guyyooni dhufaa jiruu—jedha Gooftaan—Yommuu ani kakuu qopheessuuttimana Israa'elii fi mana Yihuudaatti.<sup>9</sup>Inni akka kakuu isa ani abboota isaaniiWaliin guyyaa ani harka isaanii qabee biyya Gibxiitii isaan baasuudhaaf godhadhee hin ta'u.Isaan kakuu koo of eeggannooodhaan hin abboomamneetii,anis immoo isaanan tuffadha—jedha Gooftichi.<sup>10</sup>Inni kun kakuu ani guyyoota sana booda mana Israa'el waliin godhadhuu dha—jedha Gooftichi.Ani seerota koo sammuu keessa nan kaa'a,Akkasumas onnee isaanii irratti isaanan barreessaaf.Ani Waaqayyo isaaniin ta'a,isaanis saba koo ni ta'u.

<sup>11</sup>Isaan walii isaanii lammii isaa hin barsiisan,akkasumas walii isaanii obboleessa isaa,akkana jechuudhaan,'Gooftaa beeki.'Isaan martinuu na beekuitii,Xiqqaa isaanii irraa hanga isa ol aanaatti.<sup>12</sup>Ani hojii isa hamaadhaaf araara isaanii nan godhaatii,cuubbuu isaaniis ani deebi'ee kana caala isaanitti hin lakkaa'u."<sup>13</sup>Kakuu isa kana "haaraa" jechuudhaan moggaasuudhaan, kakuun inni jalqaba akka haqame ni labse, wanti haqamee fi dulloomes dafee dhabamsiifama.

## Chapter 9

<sup>1</sup>Amma kakuu innumti duraa iyyuu heerota ittiin waaqeffatanii fi taateewwan lafa irraa itti raawwatan qabu turan. <sup>2</sup>Godoon itti waqqeffatan qopheeffamee tureetii. Godicha keessattis kutaan inni jalqabaa bakka baattuun ibsa, minjaallii fi maxinoon argamuu kaa'aman waan ta'eef bakka qulqullaa'aa jedhamee waamama.<sup>3</sup>Golga isa lammaffaa duubaan godichi kutaa kan biroo kan qabu yommuu ta'u inni kun immoo bakka isa quillqullaa'aa hundumaa caalu jedhamee wamama. <sup>4</sup>Inni kun bakka ixaana itti aarsan qaba. Inn kun taabota kakuu isa warqeeditaan uffifame of keessa qaba. Kutaa isa kana keessa isaa okkoteen warqee irraa hoijetamee manna kan baatu, uleen Aaron inni latee ture sunii fi taabotawan kakuu ni argamu. <sup>5</sup>Taabota kakuu Sanaa ol, kiruubiin ulfina qabeessi kan teessoo araaraa agugantu ture, waa'ee isaa amma gadi fageenyaan dubbachuu kan nuyi hin dandeenye.<sup>6</sup>Wanneen kunneen erga qophaa'anii booda, luboonni gara kutaa isa gara bakkee godichaa jiru seenuuudhaan tajaajila isaanii ni kenuu. <sup>7</sup>Garuu luba isa ol aanaa qofatu waggaatti sia'a tokko kutaa isa lammaffaa seenuu danda'a ture, innis immoo otuu dhiiga isa cubbuu ofii isaatii fi kan uummanni warri kaan otuu itti hin yaadin raawwateef hin dhangalaasin miti.<sup>8</sup>Hafuura Ququlluun akka godoon inni jalqabaa amma iyyuu akkuma bakka qulqullaa'atti geessu ta'e dhaabbachaa jirutti hin mul'anne argisiiseera. <sup>9</sup>Inni kun yeroo amma keessa jirruuf mul'istuu dha. Kennaanii fi aarsaan amma godhamaa jiran lamaanuu yaada warra waqqeffatanii qulqulleessuudhaaf ga'oo hin taane. <sup>10</sup>Isaan kan isaan ilaallatan nyaataa fi dhugaatii, akkasumas dhiqannaa ayyaaneffanna duwwaadhaaf oolan, abboommii inni lammataa hanga mul'atutti isaan kunneen heerota qaamaaf ta'anii dha. <sup>11</sup>Kiristos akka luba isa ol aanaa kan wanneen gaggarii warra dhufanii turanii ta'ee dhufe. Inni godoo isa mudaan hin qabne, harka namaatiin hin hoijetaminii fi kan biyya lafaa ishee uumamte kanaa kan hin ta'in isa hundumaa caalu sana keessa darbe. F <sup>12</sup>Inni dhiiga re'oootaa fi kan jibootaatiin otuu hin ta'in, kan inni iddoa isa hundumaa irra qulqulluu kan ta'e sana si'a tokkoo fi si'a hundumaaf seenuuudhaan fayyina keenya kan bara baraa dhugoomseera.<sup>13</sup>Yoo dhiigni re'oootaa fi kan sangoottaa akkasumas daaraawwan jibootaa facaasun warra cubbaman foon isaanii ni qulqulleessa ta'e, <sup>14</sup>dhiigni Kiristoos inni karaa Hafuura isa bara baraatiin qulqullinaan ofii isaa Waaqayyoof kenne immoo hangam yaada keenya du'a irraa qulqulleessee hojii Waaqayyo isa jiraataatiif hin qopheessu ree?<sup>15</sup>Sababa kanaatiif, inni araarsaa kakuu isa haaraa ti. Inni kun kan inni ta'eefis, duuti dhufuudhaan warreen kakuu isa jalqabaa jala jiran dhiifama erga argachiise, warreen waamaman abdii dhaala isa bara baraa sana akka fudhataniif.<sup>16</sup>Bakka dhaamsi dhaalaa jiru maratti, du'i namicha isa dhaamsicha kennee mirkanoeffamu qabaati. <sup>17</sup>Dhaamsi dhaalaa du'a isa dhaala dhaameetiin mirkanatii, sababiin isaa hanga namichi lubbuudhaan jirutti dhaamschi humna hin qabaatuutii.<sup>18</sup>Kanaafuu kakuu inni jalqabaas dhiiga malee hin dhaabbanne. <sup>19</sup>Yommuu Museen abboommii hundumaa isa kan seerichaa sabatti kennetti, inni dhiiga jibootaa fi kan re'oootaa bishaan, suufi diimaadhaa fi hisoophii waliin fudhatee kitaabichaa fi sabichatti ni facaaseetii. <sup>20</sup>Achiiakkana jedhe, "Inni kun dhiiga kakucha isa Waaqayyo isiniif abboomee ti."<sup>21</sup>Haaluma wal fakkaatuun, inni dhiigicha godichaa fi meeshaalee tajaajila achitti ta'u maraaf fayyadan irratti ni facaase. <sup>22</sup>Haala seerichaatiin, wanneen marti dhiigaan qulqulleeffamu. Dhiigne otuu hin dhangala'in dhiifamuun cubbuu hin jiraatu.<sup>23</sup>Kanaafuu, fakkaattuuwwan wanneen samii irra jiranii aarsaa beeyiladaa kanneeniin qulleeffamuutu ta'aaf. Haa ta'u malee, wanneen samii irraa aarsaawwan kanneen irra wayyaniiin qulleeffamu malu.<sup>24</sup>Kiristoos mana isa hundumaa irra qulqulluu ta'e kan harka namaatiin hoijetame, mana isa dhugaatiif fakkeenya isa ta'etti hin seenne. Ijaa kanaa, inni samii mataa isaatti seene, amma bakka Waaqayyo jirutti nuyiif argamuudhaaf.<sup>25</sup>Inni ofii isaa yeroo hedduudhaaf dhi'eessuudhaaf achi hin seenne, akka luboota ol aanoo warren kaanii warra dhiiga wanneen biyya lafaatii kaasee yeroo hedduu dhiphachuuutu isa irra ture. Amma garuu inni gara dhuma barootaatti mul'achuudhaan ofii isaa aarsaa godhee cubbuu dhabamsiise.<sup>27</sup>Akkuma namni tokko al tokko du'uudhaaf muudame, ergasii immoo murtiin inni dhumaat itti dhufutti,<sup>28</sup>28 Kiristoosis al tokko aarsaa ta'ee cubbuu baay'otaa dhabamsiise, deebi'ee immoo ni dhufa, cubbuu irratti hoijechuudhaaf otuu hin ta'in, fayyina warren isa eeggataniitif.

## Chapter 10

<sup>1</sup>Seerichi gaadidduu wanneen dhufuudhaaf jiranii ti malee ofuma isaatiin bifa isa dhugaa kan wanneen sanaa mitiitii. Namoonni warri Waaqayyotti dhi'aatan aarsaawwan walfafakaatan luboonti wagaadhaa waggaatti dhi'eessaniin muda-dhabeeyyii ta'uu hin danda'an. <sup>2</sup>Otuuakkana hin taanee, aarsaawwan sun dhi'aachuu hin dhaabatu turee? Silaa warri waaqeffatan sun si'uma tokko qullaa'anii ergasii yaada cubbuu kan biroo hin qabaatan tureetii. <sup>3</sup>Garuu aarsaawwan sanaan waa'ee cubbuutiif yaadachiifni waggaadhaa waggaatti ni godhama. <sup>4</sup>Dhiiga jibootaa fi kan re'ootaatiin cubbuu dhabamsiisuun hin danda'amuutii. <sup>5</sup>Kiristoos yommuu gara biyya lafaa dhufetti, akkana jedhe, "Isin aarsaadhaa fi kennaa otuu hin ta'in ,Qaama keessan anaaf qopheessitu; <sup>6</sup>aarsaawwan gubamanii fi kan cubbuutiifsin gammachuu hin arganne. <sup>7</sup>Achii ani akkanan jedhe, 'Ilaalaa, ani asan jira—akkuma inni barreeffama keessatti jedhame—fedha kee raawwachuu dhabamsiisuun hin dandeenyne. <sup>8</sup>Dura inni akkana jedhe, "Kan ati barbaadde aarsaa, kennaa, aarsaa yookaan kennaa, yookaan kennaa qofa, yookaan aarsaa gubamu, yookaan aarsaa cubbuu miti. Yookaan ati isaanitti gammachuu hin arganne." Isaan kunneen aarsaawwan akka seerichaatti godhamanii dha. <sup>9</sup>Achii inni akkana jedhe, "Ilaalaa, ani fedha keessan raawwachuu dhabamsiisuun hin dandeenyne. <sup>10</sup>Fedha sanaan, nuyi karaa karaa aarsaa qama Yesuus Kiristoosiin qulleeffamneerra, si'a tokkoo fi si'a hundumaafis. <sup>11</sup>Guyyaadhaa gara guyyaatti tokkoon tokkoon lubaa dhaabbatee ni tajaajila, aarsaadhumaa wal fakkaatu ammas ammas dhi'eessuu dhabamsiisuun hin dandeenyne. <sup>12</sup>Garuu yommuu Kiristoos aarsaa tokkicha yeroo maraaf cubbuudhaaf dhi'eessetti, inni gara harka mirgaa Waaqayyoo taa'e. <sup>13</sup>Inni hanga diinonni isaa ejennaa miilla isaatii ta'anitti eegaa jira. <sup>14</sup>Inni aarsaa tokkichaan warreen qullaa'an bara baraan muda-dhabeeyyii isaan godheeraati. <sup>15</sup>Hafuura Qulqulluunis isa kana dhugaa nuuf ba'a. Dura akkas jedha, <sup>16</sup>Inni kun kakuu isa ani isaan waliin galuu dhaGuyyoota sana booda, jedha Gooftichi. Ani seerota koo yaada garaa isaanii keessa nan kaa'a, sammuu isaanii irrattis nan barreessaaf. <sup>17</sup>Achiiis akkana jedhee itti dabala, "Ani cubbuu isaanii fi seera-dhabiinsa isaanideebi'ee isaanitti hin yaadadhu. <sup>18</sup>Amma egaa bakka warreen kanneeniif dhiifamni jirutti, ammaan booda aarsaa kan biroo dhi'eessuu hin barbaachisu. <sup>19</sup>Kanaafuu, obbolootaa, nuyi bakka isa hundumaa caalaa qulqulluu ta'e sana dhiiga Yesuus Kiristoosiin seenuu dhabamsiisuun hin dabeeyyoo. <sup>20</sup>Innis karaa isa haaraadhaa fi isa jiraataa inni karaa golgichaatiin, jechuunis foon isaatii, nuuf tolchee dha. <sup>21</sup>Sababiin isaa nuyi mana Waaqayyoo irrattis luba isa ol aanaa qabnaa, <sup>22</sup>kottaa yaada garaa dhugaadhaan isatti dhi'aannaamantii dhuga-qabeessaan, yaada garaa keenyaa fedha hamaa irraa qulleessinee fi qama keenyas bishaan qulqulluudhaan dhiqannee. <sup>23</sup>Kottaa abdii keenya isa dhugaa baanuuf sanas jabeessinee ni qabannaa, abdicha inni kenne sun amanamaa waan ta'eef. <sup>24</sup>Kottaa walii walii keenya jaalalaa fi hojii gariidhaaf wal ni jajjabeessina. <sup>25</sup>Kottaa wal arguu keenya hin dhiifnuu, akka warri tokko tokko dhiisan sana. Ijaan kanaa, wal jajjabeessaa, keessumattuu amma yeroo guyyichi dhi'aachaa jiru kanatti caalfitanii. <sup>26</sup>Erga dhugicha beekne booda yoo nuyi beekaadhumaa cubbuu hojjechuutti fufne, aarsaan cubbuudhaaf godhamu ammaan booda hin jiru. <sup>27</sup>Ijaan kanaa, kan jiru murti sodaachisaa ta'e tokkoo dha, ibidda cimaa diinota Waaqayyoo balleessu. <sup>28</sup>Namni seera Museetiif hin abboomamne kam iyyuu dhiifama tokko malee dhuga-ba'umsa namoota lamaa yookaan sadii'iitiin ni ajjeefama. <sup>29</sup>Hammam adabni caalu isa haa argatu ree nama isa Ilma Waaqayyoo miilla ofii jalatti dhiite, dhiiga kakuu sana akka waan qulqulluu hin taaneetti kan isa lakkaa'e—dhiiguma isa ittiin qulleeffame sana—akkasumas Hafuura ayyaanaa isa arrabse? <sup>30</sup>Isa akkana jedhe san ani beeknaatii, "Ijaan baasuun kan koo ti; ani gatii nan baasa." Ammas irra deebi'ee, "Gooftichi saba isaatti ni murteessa." <sup>31</sup>Harka Waaqayyo isa jiraataatti kufuun waan nama sodaachisuu dha! <sup>32</sup>Garuu guyyoota warra darban yaadadhaa, isa erga beekumsa argattanii booda, dhiphina keessatti lola guddaa akka dandeessan. <sup>33</sup>Yeroo tokko tokko uummata gidduuutti arrabsoodhaa fi ari'atamaaf saaxilamtaniittu, yeroo kaan immoo warreen haala akkasii keessa jiran waliin dhiphina isaanii hirmaattaniittu. <sup>34</sup>Isaan warreen mana hidhaa keessa jiraniif garaa waan laافتانىf, qabeenyi keessan yeroo fudhatamus gammachuudhaan simattaniittu. Isin ofii keessaniif qabeenya isa caaluu fi isa hin darbine akka qabdan beektaniittu. <sup>35</sup>Egaa amantii keessan gad hin dhiisinaa, inni badhaasa guddaa isiniif qabaatii. <sup>36</sup>Isin jabaachuu qabdu, yommuu isin fedha Waaqayyoo raawwattan, isa inni abdachiise ni fudhattuutii. <sup>37</sup>"Yeroo xiqqoo ishee kamitti iyyuu, inni dhufuuf jiru sun ni dhufa malee hin turuutii. <sup>38</sup>Inni qajeelaan koo amantiidhaan ni jiraata. Yoo inni gara duubaatti deebi'ee, lubbuun koo isatti hin gammaddu. <sup>39</sup>Garuu nuyi warreen gara badiisaatti duuba deebi'an sana keessa hin jirru, garuu nuyi warreen amantii qabaachuu dhabamsiisuun hin dabeeyyoo.

## Chapter 11

<sup>1</sup>Amantiin waan abdatanii fi wanneen hin arginis dhugeeffachuu dha. <sup>2</sup>Waan kanaaf abbootiin amantiin isaanii fudhatameeraafitii. <sup>3</sup>Amantiidhaan Waaqayyo akka ardiin kun uumamtu akka inni abboome ni hubannaa, wanti mu'atu kun wanta mul'atu kan biraaj irraa akka hin uumamin. <sup>4</sup>Amantiidhaan ture Abeel kan inni aarsaa kan Qaayin irra wayyu dhi'eesse, isa kanaanis qajeelummaan isaa mirkanaa'eefii Waaqayyo waa'ee aarsaa inni dhi'eesseef waa'ee isaa waan gaarii dubbate, amma iyyuu amantiidhaan Abeel ni dubbata, du'eera yoo ta'e illee.

<sup>5</sup>Amantiidhaan ture Henook kan inni ol fudhatame akka du'a hin arginetti. "Inni hin argamne, Waaqayyo waan ol isa fudhateef." Inni otuu ol hin fudhatamin dura, akka inni Waaqayyoon gammachiise mirkanaa'eeraafitii.

<sup>6</sup>Amma amantii malee isa gammachiisuun hin danda'amu. Namni gara Waaqayyoo dhufuu fedhu kam iyyuu akka Waaqayyo jiruu fi akka inni warreen isa barbaaddataniif badhaasa kennu amanuun barbaachisaa dha.

<sup>7</sup>Amantiidhaan ture Nohi, waa'ee waan hin argamin jiranii abboommii samii irraa yommuu argatetti, kan inni sodaa Waaqayyootiin maatii isaa oolfachuudhaaf bidiruu ijaare. Kana gochuudhaanis, inni biyya lafaa abaaree dhaaltuu qajeelummaa isa karraa amantii argamuu ta'e. <sup>8</sup>Amantiidhaan ture Abrahaam, yommuu waamametti, abboomamee lafa akka inni dhaaluuf abdachifametti ni deeme. Inni otuma bakka itti adeemu hin beekin ka'ee adeeme. <sup>9</sup>Inni amantiidhaan ture kan inni bakku kakuu sana keessa akka galaatti jiraate. Inni Yisaaqii fi Yaaqob warreen isa waliin dhaaltota ta'anii wajjin achi dafkaana keessa jiraate. <sup>10</sup>Inni magaalaa guddittii bu'uureeffamte fuul-duratti ilaalaat tureetii, ijaaraan ishee Waaqayyoon kan ta'e. <sup>11</sup>Amantiidhaan ture, Saaraan mataan ishee illee dhabduu taatee otuu jirtuu, dandeetti ulfaa'uun kan isheen fudhatte. Ishen baay'ee dulloomteetti yoo ta'e illee, isa abdicha kenne amanamaa ta'uun isaa waan amanteef inni kun isheedhaaf ta'eera.

<sup>12</sup>Kanaafuu, namicha tokkicha kana irraa—innis gara du'aatti kan dhi'aate—dhalooni akka urjiwwan samii hedduummatanii fi akka cirracha galaanaa lakkaa'uun kan hin danda'amne ni argaman. <sup>13</sup>Amantiidhaan ture kunneen marti kan isaan otuu kakuu sana bira hin ga'in du'an. Qooda kanaa, isaan fageenyatti ilaalanii nagaa gaafataniiru, isaan akka lafa kana irratti keessummoottaa fi orma akka ta'an hubataniiru. <sup>14</sup>Warreen waan akkasii dubbatan akka isaan biyya kan ofii barbaaddatan ifaadhaatii. <sup>15</sup>Isaan waa'ee biyya isa gadi dhiisaanii ba'anii duubatti yaadu yoo ta'e, gara duubaatti deebi'uudhaf carraan jira ture. <sup>16</sup>Garuu kunakkuma jirutti, isaan biyya isa wayyu ni hawwu, innis, isa samii irraa. Kanaafuu, Waaqayyo waaqa isaanii ta'uutti hin yeellaane, inni magaalaa guddittii isaaniiif waan qopheesee. <sup>17</sup>Amantiidhaan ture Abrahaam, yommuu qorametti, kan inni Yisaaqiin aarsaa godhee dhi'eesse. Inni kan inni aarsaa godhe ilma tokkicha qabu ture, inni kakuun galameefi ture sun. <sup>18</sup>Abrahaamiin ture kanakkana jedhame, "Qomoon kee kan inni waamamu Yisaaqiin ta'a." <sup>19</sup>Abrahaam akka Waaqayyo Yisaaqiin du'aa kaasuu danda'uu beekeera, dubbii fakkeenyatiin, inni kan inni deebisee isa fudhate isaan keessaa ti. <sup>20</sup>Waa'ee wanneen dhufuu jiranii kan Yaaqob Esaawuu fi Yaaqobiin eebbise amantiidhaan ture. <sup>21</sup>Amantiidhaan ture, Yaaqob, yommuu gara du'aatti adeemaa turetti, kan inni ijoollee Yoseef eebbise. Yaaqob ulee isaa irratti hirkatee ni sagade. <sup>22</sup>Amantiidhaan ture Yoseef, dhumiin isaa yommuu itti dhi'aatetti, waa'ee Gibxiin gadi dhiisanii adeemuu ijoollee Israa'el kan inni dubbatee fi waa'ee lafee ofii isaatiis kan inni isaan abboome. <sup>23</sup>Amantiidhaan ture Museen, yommuu dhalatetti, warra isaatiin kan inni ji'oottaaf dhokfame waan akka inni mucaa miidhagaa ta'e arganii. Isaan abboommii mootichaa hin sodaanne.

<sup>24</sup>Amantiidhaan ture Museen, erga guddatee booddee, kan inni ilma intala Fara'o'on ta'uun dide. <sup>25</sup>Inni saba Waaqayyoo waliin dhiphachuu filate bu'aa cubbuudhaa kan yerooodhaaf ta'etti gammaduu irra. <sup>26</sup>Inni Kiristoosiif jedhee tuffatamuu qabeenya Gibxii argatu caalaa bakka kenneef, inni badhaasaa isaa fageenyatti ilaalaat waan tureef. <sup>27</sup>Amantiidhaan ture Museen kan inni Gibxiin gadi dhiisee adeeme. Inni dheekkamsa mootichaa hin sodaanne, inni akka waan isa hin mul'anne sana arguutti waan lakkaa'eef. <sup>28</sup>Amantiidhan ture kan inni Faasikadhaa fi dhiiga facaasuu eeggate, akka inni dhaloota angafa balleessu sun ilmaan angafoota maatii warra Israa'el hin tuqneef. <sup>29</sup>Amantiidhaan ture kan isaan Galaana Diimaa akkuma lafa gogaatti ce'an. Warri Gibxii isa kana gochuudhaaf yommuu yaalanitti, isaan ni liqimfaman. <sup>30</sup>Amantiidhaan ture gamoon Yeriikoo kan inni jige, guyyoota torbaaf erga itti marfamee booda. <sup>31</sup>Amantiidhaan ture Rahaab isheen gaalamoota turtie kan isheen warreen hin abboommne waliin hin balleefamin hafte, sababiin isaa isheen warreen basaasuudhaaf deemanii turan nagaadhaan simatteettiitii. <sup>32</sup>Kana irra maal jechuun danda'a ree? Yeroon ana hin ga'u yoon guutummaatti waa'ee Geediwoon, Baaraak, saamsoon, Yoftaahee, Daawit, Saamu'eelii fi waa'ee raajotaa nan dubbadha jedheef.

<sup>33</sup>Amantiidhaan ture kan isaan mootummoottaa mo'atan, qajeelummaa argatanii fi kakuuwwan bira ga'an. Isaan afaan llencotaa cufaniiru, <sup>34</sup>aangoo ibiddaa qabbaneessaniiru, arfii eeboo jalaa ba'aniiru, dadhaboota otuma jiranii jaboota ta'aniiru, lola irratti humna argatanii, raayyaawwan ormaas mo'atanii. <sup>35</sup>Dubartoonni warreen isaan duraa du'anii turan du'aa ka'umsatti deebisanii argatanii. Warreen kaan dhiphatanii, gadi dhiifamuu fudhachuu diduudhaan, du'aa ka'uun isa wayyuu akka argachuu danda'aniif. <sup>36</sup>Others experienced mocking and

whippings, and even chains and imprisonment.<sup>37</sup> Isaan dhagaadhaan rukutamaniiru. Bakka lamatti addaan kutamaniiru. Eebodhaan ajjeefamaniiru. Gogaawan hooltaatii fi kan re'ootaatiin maramanii naanna'aniiru. Isaan dhabdoota, miidhamoo ta'anii cunqurfamaniiru. F<sup>38</sup> Biyyi lafaa kun kan isaanii hin turre. Isaan lafa onaadhaa fi gaarota irra ni jooran, holqaa fi boolla lafaa keessas.<sup>39</sup> Namoonni kunneen marti waa'ee amantii isaaniitiif Waaqayyo biratti fudhatama argataniiru yoo ta'e illee, kakuu sana bira hin geenyey.<sup>40</sup> Waaqayyo waan nuuf karoorse waan wayyu qaba, nuyiin malee akka isaan muda-dhabeeyyii ta'uu hin dandeenyetti.

## Chapter 12

<sup>1</sup>Kanaafuu, nuyi dhuga-baatota akka duumessa hedummattan kanaan marfamneeraatii, kottaa ba'aa hundumaa of irraa gannee salphaadhumatti cubbuutti hin kufnuutii. Kottaa dorgommii isa fuula keenya dura jiru obsaan ni dorgomanaatii. <sup>2</sup>Kottaa Yesuus irratti ni xiyyeffannaatii, isa amantii keenyaaf bu'uuraa fi qulqulleessaa ta'e sana. Inni gammachuu isa fuul-dura ture ilaalee, fannoo baachuu fudhate, salphina isaa wayittuu hin lakkofne, teessoo Waaqayyoo irras gara mirgaatiin ni taa'e. <sup>3</sup>Egaa Waa'ee isaa yaadaa, isa mormii cubbamotoot irraa isatti dhufe danda'e, isinis akka hin dadhabnee fi abdii akka hin kutanneef. <sup>4</sup>Isin amma iyyuu hanga dhiiga dhangalaasuutti cubbuu waliin wallaansoo hin qabne; <sup>5</sup>jajjabina isa akka ilmaaniitti isin abboomus irraanfattaniittuutii."Yaa ilma ko, naamuusa Gooftichaa salphaatti hin ilaalin,yookaan yommuu isaan adabamtu hin dadhabin.<sup>6</sup>Gooftichi nama isa jaallatu adabaatii,akkasumas inni ilmaa isaa isa simatu adaba."<sup>7</sup>Dhiphina akka adabaatti fudhadhu. Waaqayyo akka ilmaan isatiitti si fuhataatti. Ilmi abbaan isaa hin adabne jira ree? <sup>8</sup>Garuu ati yoo adaba namoonni warreen kaan fudhatan hin fudhatin, isin ilmooma hin qabdan.<sup>9</sup>Dabalataanis, nuyi abboota foonii qabna warra nu adabaa turan, nuyis isaan kabajna. Isa kana caalaa hangam Abbaa hafuuraa isa jiraataa ta'e immoo kabajuu qabna ree! <sup>10</sup>Abbootiin keenya yeroo gabaabaadhaa fi akkuma gaarii isaanitti fakkaatetti nu adabaniiru. Garuu Waaqayyo gaarummaa keenyaaf nu adaba, akka nuyi qulqullummaa isaa keessaa hirmaannuuf. <sup>11</sup>Adabni yeroodhaaf gammachuu namaaf hin kenuu, garuu nama gaddisiisa. Booda irratti garuu warren isaan leenjifamaniiif adabni ija naga-qabeessa qajeelina ni kennaaf.<sup>12</sup>Kanaafuu harka keessan isa gadi rarra'u fi jilba keessan isa laafe jabeessaa. <sup>13</sup>Miilla keessaniif karraa qajeelaa baasaafii, inni okkolaa ta'e akka inni hin mudhqnnetti, akka inni fayyu malee. <sup>14</sup>Nama Mara waliin nagaadhaa fi qulqullinaa barbaadaa, isaan kanaan malee namni Goofticha argu hin jiruutii. <sup>15</sup>Of eeggadhaa, namni tokko iyyuu ayyana Waaqayyoo akka hin dhabnetti, hundeen hammeenyas dhiphina fiduudhaaf akka hin biqilletti, hedduunis isaan akka qulqullina hin dhabnetti,<sup>16</sup>namni kam iyyuu halalummaatti yookaan gadi dhiisiitti jiraachutti akka hin taanetti, akkuma Eesawuun nyaata yeroo tokkootiif jedhee angafummaa ofii gurgurate sana. <sup>17</sup>Isin ni beektuutii booda irratti, yommuu inni eebba dhaaluudhaaf barbaadetti, inni ni dhowwatamee, sababa carraa qalbii jijiirrannaa hin arganneetii, imimmaaniin yoo barbaaddate illee. <sup>18</sup>Isin gara gaara isa tuqamuu danda'u, gaara isa abiddi irraa boba'u, dukkanni, aarri jabaanii fi bubbeen irraa bubbisu hin dhufneetii. <sup>19</sup>Isin gara malakata afuufamuu, yookaan sagalee ol ka'aa warreen dhaggeeffatan akka inni deebi'ee hin dubbatamneef kadhatanii hin dhufneetii. <sup>20</sup>Isaan waan abboomamu sana baachuu hin danda'aniitii: "Beeyiladni illee yoo gaara sana tuqe dhagaadhaan haa rukutamu." F <sup>21</sup>Egaa bakki sodaatamaan kun isa Museen akkana jedhee dha, "Ani sodaadhee rom'eeras."<sup>22</sup>Qooda kanaa, isin gara Gaara Tsiyonii fi magaalaa guddittii kan Waaqayyo isa jiraataa dhuftan, Yeruusaalem ishee samii irraa, bakka ergamoonni waqaqa kumoota kudhanitti lakkaa'aman itti wal ga'anii gammadanitti. <sup>23</sup>Isin gara waldaa amantootaa warra jalqaba dhalatanii dhuftaniittu, kan warreen samii irratti galmaa'anii. Isin gara Waaqayyoo dhuftaniittu, isa hundumatti faradu, gara hafuurota warra qajeeloo warreen muda-dhabbeeyyi taasifamanii. <sup>24</sup>Isin gara Yesuusis dhuftaniittu, walitti araarsaa kakuu haaraa isa ta'e, gara dhiiga isa facafamees isa dhiiga Abeel caalaatti dubbatuu. <sup>25</sup>Ilaalaa isa dubbataa jiru dhaga'u akka hin didneef. Isaan yommuu inni lafa kana irratti isaan akeekkachiise isa jalaa ba'uu hindandeenyeetii, nuyi immoo isa samii irraa nu akeekkachiisu dhaga'u didnee yoo irraa gara galle, caalaa iyyuu jalaa ba'uu hin dandeenyu. <sup>26</sup>Yeroo tokkotti, sagaleen isaa lafa ni raase. Amma garuu inni abdii kennuudhaan akkas jedhe, "Yeroo dabalataa tokko, lafa qofa otuu hin ta'in ani samiis nan raasa."<sup>27</sup>Jechoonni kunneen, "ammas wanneen raafaman bakka isaaniitii fuudhamu, kunis, wanneen uumamanii turan, wanneen raafamuu hin dandeenyen qofti akka hafanitti. <sup>28</sup>Kanaafuu, mootummaa isa hin raafamne akkuma fudhannetti, kottaa warra galateeffatan ni taanaa, akkasumas gadi of deebisuudhaa fi ulfina kennuudhaan ni sagadnaa. <sup>29</sup>Waaqayyon keenya ibidda nyaatuu dhaatii.

## Chapter 13

<sup>1</sup>Jaalalli obbolummaa itti haa fufu. <sup>2</sup>Keessummoota simachuu hin dagatinaa. Karaa kanaatiinii tokko tokko eenyummaa isaanii otuu hin beekin kan isaan ergamoota Waaqayyoo keessummeessan. <sup>3</sup>Hidhamtoota yaadadhaa akkuma waan isaan waliin hidhamtaniitti. Warreen cunqurfaman yaadadhaa akkuma waan isaan taataniitti of lakkaa'atii. <sup>4</sup>Gaa'elli hunduman kabajaan haa eegamu, siren gaa'elaas qulqullinatti haa eegamu, Waaqayyo namoota sagaagalani fi kan eejan ni adabaatii. <sup>5</sup>Amalli keessan jaalala horii irraa biliisa haa ta'u. Waanuma qabdanitti gammadaa, Waaqayyo ofii isaatii akkana jedheeraatii, "Ani tasuma iyyuu kophattii isin dhiisee isin biraan hafu." <sup>6</sup>Gammachuutti jirachuudhaan akkana jennee dubbachuudhaaf ija jabina haa qabaannu, "Goothichi gargaaraa koo ti; ani hin sodaadhu. Namni maal ana gochuu danda'a?" <sup>7</sup>Geggeessitoota keessan ilaala, isaan warra sagalee Waaqayyoo isinitti hime, bu'aa amala isaaniis ilaalaatii amantii isaaniitti isaan fakkaadhaa. <sup>8</sup>Yesuus Kiristoos kaleessa isuma ture, har'as borus, bara baraanis isuma sana. <sup>9</sup>Barsiisawan adda ta'aniin akka hin fudhatamne of eeggadhaa. Yaadni garaa namaa ayyaanaan jajjabaachuu gaariidhaatii, warreen isaaniin sosocha'aniif kan gatii hin qabne nyaataanis miti. <sup>10</sup>Nuyi iddo aarsaa qabna kan warreen mana qulqullummaa keessaa tajaajilan irraa nyaachuudhaaf mirga hin qabne. <sup>11</sup>Dhiigni beeyilada aarsaa dhiifamuu cubbuutiif luba isa ol aanaadhaan gara bakka qulqullaa'atti dhi'effaman, qaamni isaanii immoo dallaadhaa alatti ni gubata. <sup>12</sup>Egaa Yesuus karra magaalaa guddittii alatti dhiphate, dhiiga isaatii namoota qulqulleessuudhaaf jedhee. <sup>13</sup>Kottaa nuyis egaa gara isaa dhaqnau dallaadhaa alatti, gad deebii inni fudhate baadhanee. <sup>14</sup>Nuyi magaalaa guddittii dhaabbataa taate asii hin qabnuutii. Qooda kana, isa dhufuuf jiru sana eeggataa jirra. <sup>15</sup>Karaa isaatii, egaa, kottaa aarsaa galataa yeroo mara Waaqayyoof ni dhi'eessinaa, galata isa bu'a arraba isa maqaa isaa jajatuu ta'e. <sup>16</sup>Kottaa gaarii gochuudhaa fi waan qabnu quoduu hin dagannuu, Waaqayyo inni itti gammadu kennaaakkasiittii. <sup>17</sup>Geggeessitoota keessanii abboomamaatii isanitti of kennaa, isaan akkuma warreen eegduu ta'anii lubbuu keessanii ni dhimmuutii. Akka geggeessitoonni keessan isa kana gammachuudhaan raawwatanii abboomamaafii, guungummidihaanis hin ta'in, inni isiniif bu'aa hin qabuutii. <sup>18</sup>Nuyifis kadhadhaa, nuyi yaada gaarii akka qabnuu fi wanneen maratti qajeelinatti jiraachuudhaaf of amansifierraatii. <sup>19</sup>Akka isin isa kana gootaniif caalchiseen isin jajjabeessa, akkan dafee gara keessanitti deebi'uufis. <sup>20</sup>Amma Waaqayyo waaqni nagaa, inni tiksee hoolotaa isa ol aanaa, Goofticha keenya Yesuus Kiristoosiin, warra du'an keessaa kaasee dhiiga kakuu bara baraatiin fide, <sup>21</sup>akka isin fedha isaa raawwattaniif, waan isa gammachiisu akka goonuuf nu keessatti hoijetu, karaa Yesuus Kiristoosiin, waan gaarii hundumaan isin haa guutu; isaafis bara hanga bara baraatti ulfinni haa ta'u. Ameen. <sup>22</sup>Amma ani isinan jajjabeessa, yaa obbolootaa, sagalee jajjabinaa kanan isiniif barreessetti akka qabamtaniif. <sup>23</sup>Obboleessi keenya Ximootewoos akka inni gadi dhiifames akka isin beektan nan barbaada, yoo inni dafee dhufefisa waliin dhufee isin arguudhaafan jira. <sup>24</sup>Geggeessitoota keessanii fi saba qulqullaa'aa Waaqayyoo maratti nagaa naaf himaa. Warreen Xaaliyaanii keessa jiran nagaa isniif dhaamu. <sup>25</sup>Ayyaanni hunduma keessan waliin haa ta'u.

## James

## Chapter 1

<sup>1</sup>Yaaqoob, hojjetaa Waaqayyoo fi goftaa Yesuus Kiristoos, gosoota warra kudha lamaan warra bittimmaa'aniif, nagaan isin gaafadha! <sup>2</sup>Gammachuu hundumaatti lakkaa'aa, yeroo rakkinni addaa addaa isin irra ga'u. <sup>3</sup>akka qoramuun amantii keessanii obsa fidu isin ni beektu. <sup>4</sup>Obsi immoo akka isin guutummaatti guddatanii guutuu taataniif hojii isaa fiixaan haa baasu, utuu homaa hin dhabin. <sup>5</sup>Garuu isin keessaa eenu illee yoo ogummaa barbaade, Waaqayyoon haa gaafatu, isa gaarummaadhaan warra gaafatan hundumaaf utuu hin dheekkamin kennu. Innis isaaf ni kenna. <sup>6</sup>Garuu immoo amantidhaan haa gaafatu. Namni shakku, akka bubbee galaanaa isa qilleensaan asii fi achi raafamuuti. <sup>7</sup>namni akkasii goftaa biraa waa nan argadha jedhee hin yaadin. <sup>8</sup>Inni nama sammuu guddaa qabuudha, karaa isaa hundumaa irratti keessatti kan hin tasgabba'iniidha. <sup>9</sup>Obboleessi inni gadi jedhaan ol ka'uusisaatti of haa jaju. <sup>10</sup>Sooressis gadi jechuu isatti, sababii isaa inni akka abaaboo daggalaat isaa maraga keessa jiruu ni darba. <sup>11</sup>Akkuma aduun baatee ho'a isheetiin marga gogsitu. Abaaboon ni arca'a, miidhagni isas ni darba. Akkasuma, namni badhaadhaanis adeemsa isaa keessatti, irraa ni darba. <sup>12</sup>Namni qormaata obsu ebbifamaadha. Erga qormaaticha darbee booda, gonfoo jireenyaa ni fudhata. Isa warra Waaqayyoon sodaataniif qophaa'e. <sup>13</sup>Namni qoramu, "Waaqayyootu ana qore hin jedhin, Waaqayyo hamaadhaan

hin qoramu waan ta'eef, akkasuma inni namas hin qoru waan ta'eef.<sup>14</sup> Garuu, namni hundumtuu fedhii ofii isaatiin qorama; yeroo fedha ofii isaan harkifamuu fi gowwomfamu.<sup>15</sup> Fedhiin erga ulfooftee booda, cubbuu ni deessi, cubbuun immoo erga guutumaatti guddathee, du'a ni deessi.<sup>16</sup> Hin gowwofaminaa, yaa jaallatamoo obboloota ko.<sup>17</sup> Kennaan gaarii fi kennaan guutuun hundumtuu oliiti. Innis, Waaqayyo abbaa ifaa biraad dhufa. Isa bira sababii gaaddidduun naannofteef gara galuun hin jiru.<sup>18</sup> Waaqayyo akka nuti dubbii isaa irraa dhalannuuf nu fo'ate. Akka nuti uumama hundumaaf ija qabeeeyyi taanuuf.<sup>19</sup> Isin kana beektu, yaa jaallatamoo obboloota ko. Namni hundumtuu dhaga'uuf ariifataa haa ta'u. dubbachuuuf immoo suura haa jedhu; ariifis suuta haa jedhu.<sup>20</sup> Aariin namaa qajeelummaa Waaqayyoo fiixaan hin baasu.<sup>21</sup> Kanaad xurii hundumaa of irraa baasaatii, hamaa hundumaas. Gaarummaadhaan sagalicha isa dhaabatte fidhadhaa, isa lubbuu keessan fayyisuu danda'u.<sup>22</sup> Warra dhagaa'an qofaa utuu hin ta'in warra sagalicha hojii irra oolchine, dhageessuu qofaa ta'e, inni akka nama fuula uumamaa isaa of ilaalee keessatti ilaaluuti.<sup>23</sup> Inni ofii isaa ilaalee, yeroo adeemu battaluma immoo maal akka fakkaatu irranfata.<sup>24</sup> Garuu namni inni eeggannaadhaa seera walabummaa ilaaluu fiakkuma sanattis ilaaluu itti fufu, dhaga'ee isa irraanfatu, namni akkasii hojii isaa keessatti ni eeb bifama.<sup>25</sup> Namni tokko yoo ani amanaadha jechaa, arrabsa isaa immoo hin to'anne, inni garaa isaa gowwomsa, amantii isas gatii hin qabaatu.<sup>26</sup> Amantii isa Waaqayyoo abbaa keenya duratti qulqulluu ta'ee fi hin manca'in, warra abbaa hin qabnee fi dubartootas rakkina isaanii keessatti gargaaruuf, akka isaan biyya lafaa keessatti utuu hin manca'in jiraataniif.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Yaa obboloota ko, gooftaa keenya Kiristoos Yesuus keessatti amantiitti loogii hin godhinaa, gooftaa ulfinaa, namoota muraasaaf hin looginaa. <sup>2</sup>Yaadaa, namni tokko qubeelaa warqee fi uffata miidhagaa keewwatee gara wal-ga’ii keessanii yeroo seenu, akkasuma, namni iyyeessi yeroo uffata xurii qabu uffatee seenu. <sup>3</sup>Yoo namica isa uffata gaarii uffate argitanii, “ati bakka gaarii kana taa’i” jettanii, isa iyyeessaan immoo, “ati immoo achi taa’i” jettan, yookaan “miilla koo jala taa’i” jettan, <sup>4</sup>“walii keessan gidduutti murteessaa jirtu mitiiree? Yaada hamaadhaan abbaa firdii hin taaneeree?”<sup>5</sup>dhanggeeffadhaa, yaa jaallatamoo obboloota ko, Waaqayyo akka biyyi lafaa inni iyyeessu amantiitti sooreessa akka ta’uuf filateera, akkasuma warri isa jaallatan akka dhaaltuu mootummichaa ta’aniif? <sup>6</sup>Isin garuu warra iyyeessota ulfina dhowwattan, kan isiniin hacuucu warra sooreessoota mitii? Isaa warra gara mana murtiitti isis geessan mitii? <sup>7</sup>Isaan maqaa gaariisa isin itti waamamtan hin arrabsanii?<sup>8</sup>Yoo akkas ta’e, akka caaffata qulqull’aatti seera mootii hojii irra oolchitu, “olla kee akka ofii keetti jaalladhu,” isin sirriitti hojjettu. <sup>9</sup>Garuu yoo namoota muraaf loogde, cubbuu hojjechaa jirta jechuudha, irra daddarbaa keefis sitti faradama.<sup>10</sup> Nama isa guutummaa seeraaf abboomamuuf, isa inni karaa tokko gufatuun malee, guutummaa seeraa cabsuu isaatiin ni gaabba. <sup>11</sup>Keessa inni tokko “hin ejjin” jedha, akkasuma, “hin ajjeesin” yoo hin ejjitu ta’e, garuu yoo ajjeefte, ati seera irra daddarbiteetta.<sup>12</sup>Kanaaf, dubbadhu, hojjedhus, akka warra seera walabaan itti faradamuutti. <sup>13</sup>Firdiin warra araara hin argisiifnetti, araara malee itti dhufa. Araarri firidii irratti ni moo’aa.<sup>14</sup>Yaa obboloota ko, bu’aa maaliiti, namni tokko amantiin qaba jechaa, hojii hin qabu yoo ta’e? amantiin isaa sun isa ni fayyisaa?<sup>15</sup>Mee yaadaa, obboleessi yookaan obboleettin tokko uffataa gaarii hin taane uffatee guyyootaafis nyaara hin nyaanne. <sup>16</sup>Yaadaa, isin keessaa tokko, “nagaadhaan dhaqi, sitti haa ho’u, guutamis” yoo waanra qaama isaatiif barbachisu hin kennitaniif ta’e, bu’aa maalii qabaree?<sup>17</sup>Akkasuma amantiin qofaa isaa, yoo hojii hin qabu ta’e, du’adha.<sup>18</sup>Tarii namni tokko, “ani amantii qaba, hojiis qaba.” Jechuu danda’a. Amantii kee hojiimalee natti argisiisi, ani immoo amantii koo hojii kootiin sitti nan argisiisaa.<sup>19</sup>Ati Waaqayyoo tokko jiru ni amanta. Gaarii gootees ni hojjetta. Garuu seexanni iyyuu sanatti ni amana, ni oollattus.<sup>20</sup>Beekuu ni barbaaddaa, yaa nama gowwaa, akka amantiin hojii malee bu’aa hin qabne?<sup>21</sup>Abraaham yeroo ilama isaa Yisiyaqaqin, iddo aarsaa irratti dhiyeesse hojiidhaan hin qulloofneereee?<sup>22</sup>Akka amantiin hojii isaa malee hojjete ni argitu. Akkasuma akka amantiin isaa hojiidhaan guutuu ta’e.<sup>23</sup>Caaffatni qulqulla’aan akka jedhe “Abrahaam Waaqayyoon amanate, inni qajeelummaatti lakkaa’ameef, Inni michuu Waaqayyoo jedhamee waamame.<sup>24</sup>Akka namni hojiidhaan qullaau argita. Amantii qofaan miti.<sup>25</sup>Akkasuma, Rahaab isheen ejjituun illee, yeroo ergamoota simattee karaa kan biraa irra issaan ergite hoiidhaan qulloftuu hin taaneeree?<sup>26</sup>Qaan ni foona irraa adda ba’e du’aa waan ta’eef, amantii hojii irraa adda ba’es du’adha.

## Chapter 3

<sup>1</sup>Isin keessaa baay'een barsiisota ta'uun irra hin jiru, yaa obboloota ko, nama barsiisaa ta'etti warra kaan caala akka firdiin cimaan itti faradamu ni baaktu. <sup>2</sup>Nuti karaa baay'ee waan gufannuuf. Namni tokko yoo sagalichaan hin gufatu ta'e, inni nama mudaa hin qabneedha, nama isa guutummaa qaama isaatii illee to'achuu danda'u.

<sup>3</sup>Amma yoo akka inni nuuf bitamuuf luugama afaan fardaa irra keenye, isaan guutummaa qaama isaatii bituu ni dandeenyaa. <sup>4</sup>Dooniis ilaala, yoodhuma baay'ee dheerina qabaatanii fi bubbee jabaan dhiibame illee, batoo xiqqoo tokkoo gara namichi isa oolfu geeeesutti oofamu.<sup>5</sup>Haala kanaan, arrabni qaama xiqqoodha, waan hedduun immoo of jajji. Akkasuma akkamitti akka abiddi xiqqoo ta'ee garuu immoo bosona guddaa gubu ilaala.

<sup>6</sup>Arrabnis abidda, qaama keenya keenyaa kutaa isa madda hameenya. Arrabni guutummaa qaamaa mancaasa. Daandii jireenya ni guba, ofii isheetis gahaannemitti ni gubatti.<sup>7</sup>Tokkoo tokkoo bineensa bosonaaf, simbirroo, wara lo'anii fi uumamni galaana keessaa namaan leenjifamuu ni danda'u. <sup>8</sup>Garuu, namni kan iyyuu arraba leenjisuu hin danda'u. inni hafuura isa hamaa isa boqonnaa hin qabneedha. Summii du'aa ta'een kan guute.

<sup>9</sup>Isumaan gooftaa fi abbaa galateeffanna, isumaanis immoo nama arrbabsina, isa akka bifaa Waaqayyootti hoijetame. <sup>10</sup>Afaauma tokkicha keessaa eebbaa fi abaarsi ba'a. Yaa obboloota ko, kun ta'uun irra hin jiraatu.

<sup>11</sup>Burqituun tokko bishaan minyaa'aa fi hadha'aa lanaan isaa baasuu danda'aaree? <sup>12</sup>Mukti habuu, yaa obboloota ko, ejersa godhachuu danda'aaree? Yookaan wayiniin ejersa? Yookaan, bishaanni ashaboo bishaan minya'aa.

<sup>13</sup>Isin keessaa ogeessaa fi hubataan eenyuree? Namni sun gaarummaa ogummaa keessatti, hojii isaatiin jireenya gaarii haa mullisu. <sup>14</sup>Garuu yoo hinaaffaa hamaa fi fedhii garaa keessan keessatti qabaattan, of tuultanii, dhugaas hin sobinaa. <sup>15</sup>Kun ogummaa isa ol gubbaadhaa dhufu miti. Qooda isaa isa lafa irraati, kan hafuuraa kan hin ta'in, hamaa. <sup>16</sup>bakka hinaaffaa fi fedhiin jiru, namatti bitaacha'uu fi shaakala hamaatu jira.<sup>17</sup>Garuu ogummaan inni waaga irraa jalqaba qulqulluudha, isa booda jaalalli nagaa, garraamummaa, araaraan gutuuu fi ija gaarii, looguu dhiisuu fi gaarummaa. <sup>18</sup>Iji qajeelummaa warra nagaa buusan gidduutti nagaadhaan faca'a

## Chapter 4

<sup>1</sup>Lolaa fi wal dhabdeen isin gidduu jiru eessaa dhufe? Wal loluun miseensota keessan keessa jiru fedhii keessan irraa kan dhufe mitii? <sup>2</sup>Isin ni feetu, garuu hin qabdani. Ni ni ajjeeftu, ni hawwitus, fudhacuu garuu hin dandeessani. Isin wal loltu. Waan hin gaafanneef hin qabaattani. <sup>3</sup>Isin ni gaafattu, garuu hin fudhattani, sababii gar-malee gaaffattaniif. Akka fedhii keessaniif itti gargaaramuu dandeessanitti. <sup>4</sup> Isin ejjitoonni! Akka biyya lafaa wajjin michoomuun Waaqayyoo wajjin ta'e hin beektanii? Kanaa, namni biyya lafaa wajjin michoomuun barbaadu ofii isaa diina Waaqayyoo ni ta'a. <sup>5</sup>yookaan caafanti qulqullaa'an akkasumaan jedha jettanii ni yaadduu? "Hafuurri inni nu keessa kaa'e, hinaaffaa gadi fagoo qaba jettanii?" Garuu ayyaana caalu nuuf kenna, kanaaf caaffatni qulqullaaan "Waaqayyo warra of tuulaniin ni morma, warra garraamotaaf garuu ayyaana ni kenna" jedha. <sup>7</sup>kanaaf Waaqayyoof of kennaa. Seexanaan mormaa, innis isin irraa ni baqataa.<sup>8</sup> Waaqayyootti dhiyaadhaa, innis isinitti ni dhiyaataa, harka keessan qulleeffadhaa. Isin warri cubbamootni, garaa keessanis qulleessaa, isin warri yaada lamaa. <sup>9</sup>Gaddaa, boo'aa, iyyas! Kolfi keessan boo'ichatti haa jijiiramu, gammachuun keessanis, dukkanatti. <sup>10</sup>Waaqayyoo duratti gadi of deebisaa, innis ol isin kaasaa.<sup>11</sup> waa'ee warra kaanii hamaa hin dubbatinaa, yaa obboleotaa. Namni obboleessa tokko hammeessu yookiis, obboleessa isaatti faradu, seericha hammeessuu isaati, serichattis faraduu isaati, ati seerichatti yoo faradde immoo, seericha irratti abbaa firdii ta'uun keeti malee, nama seericha hojii irra oochu ta'uun kee miti. <sup>12</sup>Nama tokko qofaatu seera kenna, faradas. Innis isa fayyuu danda'uu fi belleessuus danda'uudha. Ati eenu kan olla akeeti faraddu?<sup>13</sup> Amma dhaggeeffadhaa, "Har'a yookiis bora gara magaalaa kanaa ni dhaqna jettu, waggootas achitti ni dabarsitu, bu'aas ni buufattu." <sup>14</sup>Waan bor ta'uu jiru eenyuutu beeka, jireenyi kees maali? Ati akka hurrii yeroo muraasaaf ba'ee, isa booddee immoo baduuti.<sup>15</sup>Qooda isaa, ati "Yoo fedha Waaqayyoo ta'e, kana yookaa sana ni hojjenna" jedhi. <sup>16</sup>Ati garuu amma waa'ee karoora kee isa isa sirii hin ta'iniif of jajaa jirta. <sup>17</sup>Kanaafa nama isa utuu gaarii beekuu garuu immoo hojii irra hin oolchiheef, isaaaf kun cubbuudha.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Amma kottaa, isin warri sooreyyiin, waan dhiphinni gara keessanitti dhufaa jiruuf boo'atii wawwaadhaa.  
<sup>2</sup>Badhaadhumaman keessan ni tortora, uffata keessanis biliin ni nyaatti, <sup>3</sup>Warqee fi meetiin keessanis ni bada, dammeessa'uun isaaniis ragaa isiniif ta'u. inni akka abiddatti foon keessan ni nyaata. Badhaadhummaa keessan keessan guyyoota dhumaaf walitti qabattaniittu. <sup>4</sup>Ilaalaa, gatiin isin warra midhaan keessan haamaniif kennitan, faallaa keessan boo'aa jira. Iyyi warra sassaabanii gurra gooftaa maccaa keessa seeneera. <sup>5</sup>Jirenya gaarii jiraattanii, ofii keessanis gammachiifatniittu. Guyyaa qalmaafis ofii keessan gabbiftaniittu. <sup>6</sup>You have condemned and murdered the righteous person. He does not oppose you. <sup>7</sup>Obsaa, isa booda yaa obbolootaa, hanga gooftaan dhufutti. Qotee bulaan ammam akka inni oyiruu isaa irraa firii eeggatu ilaala; hanga inni bokkaa isa jalqabaa fi isa boodaa argatutti. <sup>8</sup>Isinis, obsaa. Dhufatiin gooftaa waan dhiyaateef garaa keessan jabeessaa. <sup>9</sup>Yaa obbolootaa, walii keessan hin hameessinaa, akka hin ifatamnetti. Ilaalaa, firidiin balbala keessan irra dhaabatee jira. <sup>10</sup>Yaa obbolootaa, dhiphinaa fi obsa raajotaa fakkeenyaa godhadhaa. Warra maqaa Waaqayyoon dubbatan. <sup>11</sup>Ilaalaa, nuti warra obsan sana akka warra eebbifamniitti ni ilaalla. Waa'ee obsa Iyoob dhageessaniittu. Yaada Waaqayyoos ni beektu, ammam akka inni baayyee o'a qabeessaa fi araara qaneessa ta'e. <sup>12</sup>Hundumaa caalaa, yaa obboloota ko, hin kakatinnaa, isa waaqa irraan yookaan isa lafa irraan, yookaan kaka kan biraatiin. Qooda isaa, "eyyee" keessan "eyyee" "mitiin" keessas "miti" isa jedha haa ta'u. kanaaf firdii jalas hin faltani. <sup>13</sup>Isin keessaa nama dhiphachaa jiru jiraa? Inni haa kadhatu. Namni gammadu jiraa? Inni faarfannaadhaan haa galateeffatu. <sup>14</sup>Isin keessaa namni dhukkubsatu jiraa? Inni geggeessitoota waldaa amantootaa haa waamu, isaafis haa kadhatani. Maqaa gooftaanis dibata isa haa dibani. <sup>15</sup>Kadhannaan amantii nama dhukkubsataa ni fayyisa, gooftaanis ol isa kaasa. Yoo cubbuu hujeteera ta'e, Waaqayyo isaa ni dhiisa. <sup>16</sup>Kanaaf walii keessaniif qalbii jijiirradhaa, walii keessaniif kadhadhaa, akka fayyitaniif. Kadhamnaan nama qajeela hojii isaatii baay'ee humna qabeessa. <sup>17</sup>Eliyas akkuma keessan nama ture. Inni akka bokkaan hin roobneed cimsee kadhate. Laficha irrattis waggoota sadii fi ji'a ja'aaf hin roobne. <sup>18</sup>Isa booda Elsaayis ni kadhate. Waaqnis bokkaa roobse. Laftis midhaan kennite. <sup>19</sup>Yaa obboloota ko, Isin keessaa namni tokko yoo dhugaa irraa kaate, namni tokko immoo deebisee fide, <sup>20</sup>Nanmi sun, akka namni nama cubbamaa daandii isaa isa dogoggora irraa deebise, du'aa irraa akka isa fayyisuu fi baayyini cubbuus deebisee akka isa hin arganne gochuu isaa beektu.

## 1 Peter

## Chapter 1

<sup>1</sup>Pheexiros, ergaa Yesuus Kiristoos, warra bittimmaa'anii biyya kan biraa jiraniif, warra fo'amaniif, Phoonxos keessa, Galaatiyaa, Qophadooqiyaa, Asiyaa fi Bitaaniyaa. <sup>2</sup>Kun akka dursee beekuu Waaqayyo abbaatti, karaa qulleessuu hojii hafuuraa, abbooamamuu fi itti facaasuu dhiiga Yesuus Kiristoosiif. Ayyaanni baay'een isiniif haa ta'u; nagaan keessanis haa baay'atu. <sup>3</sup>Waaqayyoo fi abbaan gooftaa keenya Yesuus Kiristoos haa galateeffamu! Ayyaana guddaa kana keessatti, karaa du'aa ka'u Yesuus kiristoos abdii jiraataatti jirenya haaraa nuuf kenne. <sup>4</sup>Kun dhaala isa hin badneedha, hin dammeessa'u, isa yeroonis irraa hin darbene. Innis Waaqa irratti walitti isiniif qabameera. <sup>5</sup>Isin amantii keessaan humna Waaqayyootiin eegamtaniittu, fayyina isa guyyaa dhumaatti mil'achuuf jiruuf. <sup>6</sup>Isin kanatti guddistanii ni gammaddu, ammuma illee, yeroo muraasaaf, isin dhiphina hundumaa dhiphachuu jirtu. <sup>7</sup>Isaan kun isin irra kan ga'an, abiddaan ilaalamree yoo qulqullaa'es, warqee isa badu caalaa, amantiin keessan inni guddaa kabajamaan dhugaa ta'u isaa akka mirkanaa'u fi yeroo Yesuus mul'atu, galataa fi ulfina, faarfannaakka isiniif argamsiisuufi. <sup>8</sup>Isin isa hin argine, garuu isa ni jaallatu. Amma isa hin argitani, garuu isatti amantu, gammachuudhaan ni gammaddu, isa hin ibsamuu hin dandeenyee fi ulfinaan guute. <sup>9</sup>Isin amma firii amantii keessanii ofii keessaniif fudhachaa jirtu, fayyina lubbuu keessanii. <sup>10</sup>Fayyina kana ilaalchisee, raajiin inni ni dhufa jedhee waa'ee ayyaanaa raaje, dammaqinaan barbaadee eeggannaadhaanis qore. <sup>11</sup>Hafuurri Kiristoos inni isa keessa ture, waa'ee dhiphina kiristoos akkasuma waa'ee ulfina isa dhiphina isaa booda ta'u dursee dubbachuudhaan yeroo fi akkamittis akka raawwate qoraa turani. <sup>12</sup>Inni akka isaan ofii isaanii tajaajilaa hin turreef isanitti mul'ate, isin garuu, waa'ee waanta amma isiniti himamee isiniti himan, karaa warra wangeela isiniti lallabee karaa hafuura qulqulluu isa waaqa irraa ergamee. Waanta isa ergamoonni arguuf barbaadan. <sup>13</sup>Kanaaf, sammuu keessaa jabeessaa. Of qabaa. Abdii keessan guutummaatti, ayyaana isa Yeroo Yesuus mul'atu argamu irra kaawwadhaa. <sup>14</sup>Akka ijoolee abboomamaniitti,

fedha isa yeroo hin amanin turtaniitti waliif hin galinaa.<sup>15</sup> Garuu akkuma inni isin waame qulqulluu ta'e, amala keessan hundumaan qulqulloota ta'aa. <sup>16</sup> Barreeffamee akkuma jiru, "qulqulloota ta'aa, anis qulqulluu waanan ta'eef," <sup>17</sup> Yoo "abbaa" jettanii waamtan, isa wal caalchisu malee akka hojiitti faraduu, biyya lafaa kana irra akka keessummaatti yeroo jiraattan amala keessan eeggadhaa. <sup>18</sup> Akka inni meetii isa badu irraa yookaan warqee isa isin irraa furamtan, amala akkasumaanii, isa abboota keessan irraa dhaaltaniin akka hin ta'in beektu, <sup>19</sup> Garuu dhiiga Kiristoos isa gati jabeessani, akka hoolaa isa midaa yookaan madaa hin qabnee. <sup>20</sup> Kiristoos utuu biyyi lafaa hin uumamin dura illee tureera. Garuu amma immoo yeroo dhumaan kanatti isinitti mul'ateera. <sup>21</sup> Isin isa keessaan Waaqayyootti amantu, isa du'a isa kaasee ulfinas kenneef, amantii fi abdii keessan Waaqayyoo irratti akka ta'uuf. <sup>22</sup> Isin dhugichaaf abboomamuudhaan lubbuu keessan qulleeffattaniittu. Kunis kaayyoo jaalala jaalala obbolummaa isa gaariifi, kanaaf garaa qulla'aadhaan walii keessan jaalladhaa. <sup>23</sup> Isin lammaffaa dhalattaniittu, sanyii isa baduttii miti, sanyii isa hin bdanetti malee, karaa dubbii Waaqayyoo isa jiraataa fi hafee jiraatuu. <sup>24</sup> "Foonni hundumtuu akka margaa waan ta'eef, Ulfinni isaas, akka abaaboo lagaati. Margi ni goga, abaaboon isaad irra harca'a, <sup>25</sup> Sagaleen Waaqayyoo garuu bara hundumaa ni jiraata."

## Chapter 2

<sup>1</sup> Kanaafa hamaa hundumaa dhiisaam gowwomsaa hundumaa, ofittummaa, hameenyaa fi maqa balleessii hundumaa. <sup>2</sup>Akka mucaa reefuu dhalatee, aannan hafuuraa isa ho'aa isaa fedhaa, isa keessaan akka fayyinatti guddataniitti. <sup>3</sup>Yoo akka gooftichi gaarii ta'e dhandhamattaniittu ta'e. <sup>4</sup>Gara isa dhagaa jiraataa, namoonni warri kaan tuffatanii kottaa; garuu isa Waaqayyoof dhimma baasaa ta'ee fo'ame. <sup>5</sup>Isinis akkuma dhagicha isa jiraataa, mana hafuuraa ta'uudhaaf ijraaramaa jirtu, luboota hafuuraa ta'uudhaaf, isaa aarsaa hafuuraa karaa Yesuus Kiristoos, Waaqayyoo duratti fadhatamaa dhiyeessu. <sup>6</sup>Caaffatni qulqullun akkas jedha: "Ilaalaa, ani dhagaa golee Xiyoon keessan ta'aa jira. Isa filatamaa fi gati qabeessa. Namni isatti amanu hin yeella'u." <sup>7</sup>Gatiin isaa, kanaaf, isin warra amananiifi. Warra hin amanneef garuu, "Dhagaa inni ijaarttuun tuffatani, Mataa golee ta'e," <sup>8</sup>Akkasuma, <sup>9</sup>Isin garuu saba fo'ameedha, luboota mootii, saba qulqullaao, qabeenya Waqaqayyoo, Hojii isa dingisiisaa dukkana keessaa gara ifa isa dingisiisaatti isin waamee akka labsitaniif. <sup>10</sup>Isin duraa saba isaa hin turre; amma garuu saba isaa taataniittu. Ayyaana hin hin arganne turtan; amma garuu ayyaana argataniittu. " Dhagaa gufachiisuu fi dhagaa isa isaan gufachiisu." <sup>11</sup>Jaallatamo, akka keessummoottaa fi hidhamtootaatti isinan gorsa, akka isin fedha foonii irraa of eeggattaniif, isa faallaa lubbuu keessanii isin lolu. <sup>12</sup>Warra hin amanin gidduutti amalli keessan kabajamaa haa ta'u. yeroo isaan akka warra hamaa godhacniitti isin arrabsan, hojii keessan isa gaariif dhuga baatota ta'uu danda'u, guyyaa itti Waaqayyo mulattutis ulfina isaaaf ni kennu. <sup>13</sup>Gooftaaf jedhaatii warra aboo qaban hundumaaf bitamaa. Moototaaf abboomamaa. <sup>14</sup>akkasuma warra biyya bulchaniifis, warra hamaa godhan akka adabamanii fi akkasuma warra gaarii godhan immoo warra galateeffatan. <sup>15</sup>Kun fedha Waaqayyoo waan ta'eef, gaarii hojjechuu keessaniin haasaa akkasumaanii warra gowwootaa cal ni jechiisiiftu. <sup>16</sup>Akka saba walabaatti, walabummaa keessan dadhabbi keessan ittiin haguuguuf dhimma itti hin ba'inaa, garuu hojjetoota Waaqayyoo fakkaadhaa. <sup>17</sup>Namoota hundumaa kabajaa. Obbolummaa jaalladha. Waaqayyoon sodaadhaa. Mootii kajaa. <sup>18</sup>Hojjetootaa, gooftota keessan kabajaa. Gooftota warra gaarii fi ormoottaa qofaaf hin bitaminaa, warra hamootaafis bitamaa. <sup>19</sup>Waa'ee Waaqayyoof jedhee dhiphan jallinaa kan fudhatu galata ni fudhata. <sup>20</sup>Yoo hojii hojjettanii adabamtanii obsitan galata maalii qabaree, garuu yoo immoo gaarii gootanii yoo dhiphattanii obsitan kun Waaqayyoo biratti galata isiniif argamsiisa. <sup>21</sup>Isinis kanumaaf waamamtani, sababiin isaa Kiristoosis isiniif du"e. Inni akka isin isa hordoftaniif fakkeenyia isiniif dhiise. <sup>22</sup>Inni cubboo tokko illee hin hojenne, sobnis tasa afaan isaa keessatti hin argamne." <sup>23</sup>Inni yeroo arrabsame, deebisee hin arrabsine. Yeroo dhiphate, deebii hin kennine, garuu isa dhugaadhaan firdii kennutti of kenne. <sup>24</sup>Inni ofii isaatii qaama isaa keessatti muka irratti cubbuu baate, cubbuuf du'ee qajeelummaadhaaf jiraachuuf jedhee. Madaa isatiin fayyifamtan. <sup>25</sup>Hundumti keessan akka hoolotaa baddanii turtan, amma garuu gara tiksichaa fi lubbuu keessan eeguutti deebitaniittu.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Akkasuma, isin warri haati manooliis abboota manaa ofii keessaniif of kennaa. Yoodhuma dhiironni tokko tokko sagalichaaf abboomamoo ta'am illee isin kana godhaa. isaan sagalicha malee moo'amuu ni danda'u. karaa amala haadha manootii isaanii. <sup>2</sup>Kabajaa fi amala keessaniif dhuga baatota ta'nii.<sup>3</sup>Of miidhegsun keessan waanta alaan miul'atu, rifeensa tolfachuudhaan, warqee naqachuudhaan, uffata gaarii isaas uffachuudhaan hin ta'in. <sup>4</sup>Qooda isaa, miidhaginni keessan, inni hin bande keessa namummaa keessanii isa dhokataadhaan haa ta'u, kunis hafuura garraamumama fi gabii isa Waaqayyoo duratti guddaa gati jabeessa ta'e, sanaan haa mul'atu.<sup>5</sup>Kun waan dubartoonni qulqulloonni warri Waaqayyoon abadatan bifa kanaaf of faayessaa turaniif. Abbootii manaa isaaniiif of kennuudhaan. <sup>6</sup>Bifa kanaan Saaraan Abrahaamiif abboomamteetti gooftaa koo jettees waamteetti. Isin amma ijoolee isheet, yoo waan gaarii ta'e hojettanii fi rakkina hin sodaattan ta'e.<sup>7</sup>Akkasuma, isin abbootiin manaaS akka hubannaatti haadha manootii keessanii wajjin jiraachuutu isin irra jira, akka qodaa dadhabaatti, dubartii. Isin akka warra walii wajjin ayyaan jireenyaa dhaalanitti kabaja kennuufitu isin irra jira. Kana immoo akka kadhannaan keessan hin dhokfamneef godhaa.<sup>8</sup>Dhuma irratti, hundumti keessan, yaada tokko qabaadhaa, warra o'an, abba obbolotaatti warra jaallatan, garraamii, fi gad-of deebisoo. <sup>9</sup>Hamaadhaaf hamaa hin deebisinaa, kan isin arrabsus hin arrabsinaa. Faallaa isaa, eebbisuu keessan itti fufaa, isin kaaf waamamtani, eebbichas dhaaluudhaaf.<sup>10</sup> "Namni jirenyaa jaallatuu fi guyyoota gaarii arguu barbaadu, arraba isaa hamaa irraa eeguutu irra jira, arraba isaaas gowwomsaa dubbachuu irraa.<sup>11</sup>Inni waan hamaa irraa haa deebi'u, waan gaariis haa hojjetu.Nagaa haa babaadu, haa hordofus.<sup>12</sup>Ijo Waaqayyoo warra qajeelota ni ilaala, gurri isaaas kadhannaan isaanii ni dhaga'a.Fuulli gooftichaa garuu warra hamaa hojjetanii ni morma."<sup>13</sup> Yoo isin waan gaarii hojjechuudhaaf barbaaddan eenyutu isin miidharee?<sup>14</sup>Garuu qajeelummaaf jettanii yoo dhiphattan, isin eebbifamoodha. Sodaachisuu isaanii hin sodaatinnaa. Hin dhiphatinnaa.<sup>15</sup> Qooda isaa, garaa keessan keessatti gooftaa Yesuusiin qulqulluu godhaatii adda baasaa. Yeroo hundumaa, nama isa abdii isa isin qabdan isin gaafatuuf gatii kennaa. <sup>16</sup>Deebiin keessanis arraba laafaadhaan nama safeeffachuudhaanis haa ta'u, warri hamaa isin irratti dubbachuudhaan maqaa keessan balleessan, amala keessan isa gaarii isa erga kan Kiristoos taatanii argisiiftan, hammeessn akka yeella'aniif, yaadni garaa keessanii akka isin hin ceephaanetit jiraadhaa. <sup>17</sup>Yoo fedha Waaqayyoo ta'e gaariidha, waan gadhee caalaa waan gaarii gootanii dhiphachuu.<sup>18</sup> Kiristoosis yeroodhuma tokkicha cubbuudhaaf dhiphate. Inn qajeelaan sun nuuf dhiphate, warra qajeelota hin turiniif, gara Waaqayyotti nu fiduudhaaf. Inni fooniin du'e, garuu immoo hafuuraan ka'e.<sup>19</sup>Hafuuraan, ahfuurota warra amma mana hidhaa keessa jiranitti lallabe. <sup>20</sup>Bara Nohi keessa yeroo obsi Waaqayyoo isaan eegaa ture, isaan kan hin abboomamne turan, bara ijaarsa doonichaa, Waaqayyos namoota muraasa fayyise, luubbuu saddeet, karaa bishaanii.<sup>21</sup> Kunis mallattoo cuuphaa isa amma isin fayyisuuti, akka isa xurii qaama irraa dhiqaranii miti. Garuu, karaa du'aa ka'uus Yesuus Kiristoos sammuu gaariidhaan Waaqayyoo duratti kan dhiyaatuudha. <sup>22</sup>Kiristoos mirga Waaqayyoo jira. Inni gara waaqatti ol ba'eera. Ergamootni, warri aboo qabanii fi humni hundumtuu isaaf of kennuutu irra jira.

## Chapter 4

<sup>1</sup>kanaaf, Kirisoos fooniin waan dhipateef, isinis kaayyoodhuma kanaaf of qopheessaa. Namni dhipina fudhatu cubbuu dhiiseera. <sup>2</sup>Kanaaf immoo, namni akkasii, foon keessatti yeroo isaa hafe, fedhii Waaqayyoof malee, fedhii namootaaf hin jiraatu.<sup>3</sup> Fedhii warra ormootaa guutuduhaaf, miiraan jirachun, fedhii, machii, ayyaana machii, sirbaa fi ejji yeroo dabree ni ga'a. <sup>4</sup>isa isin amma isaanitti dabalamtanii lolaa jirenya ittisa hin qabneetiin, fudhatamuu dhiiftan ni dinqifatu, maqaa keessanis ni balleessu. <sup>5</sup>Isaan immoo waan godhan sababii isaa wajjin isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduu qophaa'etti himuuf jiru. <sup>6</sup>Kaafis jecha immoo wangeelichii warra du'anittis lallabameera. Yoodhuma akka namaatti fooniin itti faradameera iyyuu ta'e, hafuuraan karaa isa Waawayyo hojjetu irra jiraachuu ni danda'u.<sup>7</sup>Xumurri waan hundumaa dhicyaachaa jira. Warra sammuu nagaa ta'aa, yaaduu keessaniin, warra kadhataniif jettanii warra of qaban ta'aa. <sup>8</sup>Waan hundumaa caalaa, jaalala o'aa waliif qabaadhaa. Jaalalli baay'ina cubbuu waan balleessuuf. <sup>9</sup>Utuu wal hin komatin walii keessan simadhaa.<sup>10</sup> Akkuma tokkoo tokkoon keessan kennaa fudhattan, akka kennaa gaarii isa kan Waaqayyoo isa karaa addaa addaa dhufuuttii ittiin walii keessan tajaajilaa. <sup>11</sup>Nami tokko yeroo dubbatu akka sagalee Waaayyoottihaa dubbatu. Namni tokko yeroo tajaajilu, humna isa Waawayyo isaa kennuun haa ta'u. Kana hundumaa akka Waaqayyo Kiristoos Yesuus keessan ulfina argatuuf hojjedhaa. Yesuus Kiristoosiif ulfinnii fi mootummaan bara baraan haa ta'uuf. Ameen.<sup>12</sup> Jaallatamo, abiddaan qoramuu isinitti dhufe kana akka haaraatti hin fudhatinaa. Akka waan haaraan isin irra ga'eetti. <sup>13</sup>Qooda isaa, hanguma dhiphina Kiristoos baayyinaa fudhatan, gammadaa, isinis akka gammaddanii fi yeroo ulfinni isaa mul'atu. <sup>14</sup>Yeroo maqaa Yesusiif arrabsamtan, isin kan eebbfamtaniidha. Sababiin isaa hafuurri ulfinaa fi hafuurri Waaqayyoo isin irra ni buufata.<sup>15</sup> isin keessa garuu ajjeesuu isaatiinkan, hannaan, hamaa hojjetutiin, yookaan gidduu seenuutiin, kan dhiphatu hin jiraatin. <sup>16</sup>Nami tokko yoo akka Kiristiyaanaatti dhiphate, hin yeella'in, qooda isaa, maqaa sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu.<sup>17</sup> Firdiin mana, Waaqayyoo keessaa waan eegaluuf. Yoo nurra eegale, waa'een warra wangeela Waaqayyoof hin abboomamnee maal ta'a?<sup>18</sup>"Warra qajeelotaaf fayyinni yoo cimaa ta'e, warra akka yaada Waaqayyootti hin jiraannee fi cubbamoonni akka ta'uree?"<sup>19</sup>Kanaaf, warri fedha Waaqayyoof jedhanii dhiphatan lubbuu isaanii uumaa isa amanamaa hojji gaarii hojjetuutti haa kennaani.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Ani geggeessitoota warra isin gidduu jiran nan gorsa. Ani, akkuma isaanii geggeessaa fi dhuga baatuu dhiphina Kiristoos kanan ta'e, akkasuma ani ulfina isa mul;chuuf jiru keessaa hirmaachuuf jira. <sup>2</sup>Karra Waaqayyoo warra eegumsa keessan jala jiran eegaa. Akka eegdotaatti ilaala. Kana gochuun isin irra jira. Garuu waam fedha qabdaniif, akkuma Waaqayyoon tajaajiltanitti, bu'aa yellaasisuuf miti, garuu of kennuudhaan malee. <sup>3</sup>Warra geggeessaa keessan jala jiran akka gooftummaan hin bulchihaa, karrichaaf fakkeenyta'a. <sup>4</sup>Garuu yeroo oogganaan sun mul'atu, gonfoo ulfinaa isa hin daribine ni argattu. <sup>5</sup>Akkasuma, isin dargaggonni, warra dulloomaniif of kennaa, hundumti keessan, gaarramummaandhaan walitti dhiyaadhaatii walii keessan tajaajilaa. Waaqayyo warra of tuulanii ni morma, warra garraammotaad immoo ayyaanaa isaa ni kenna. <sup>6</sup>Kanaaf, harka Waaqayyoo isa hundumaa danda'u jala of galchaa, innis yeroo isaatti ol isin qabaa. <sup>7</sup>Yaaddoo keessan hundumaa isa irratti gataa, inni isiniif waan yaaduuf. <sup>8</sup>Of qabaa, dammaqaa. Mormaan keessan inni hamaan akak leencaa nannoo keessan naanna'e aadaa jira, Nama nyaatu barbaaduudhaaf. <sup>9</sup>Ittiin mormaa. Amamntii keessanitticimaa. Isin akka biyya kafaa keessatti obbolummaan keessan dhiphina wal fakkataa dabarsaa jiru ni beektu. <sup>10</sup>Yeroo gabaabaa erga dhiphattanii booda, Waaqayyo inni kan ayyaanaa, inni karaa Kiristoos gara ulfina bara baraatti isin waame, guutuu isin godha, isin jabeessa, isin ijaaras. <sup>11</sup>Isaaf, aangoon baraa hanfa bara baraatti isaaf haa ta'u. Ameen. <sup>12</sup>Ani Silawosni akka obboleessa amanamaattin lakkaa'a, gabaabsees karaa isaa isiniif barreeseera. Ani akka waanti ani barreesse kun dhugaa ayyaanaa Waaqayyoo ta'e isin gorsaa fi dhugaas isiniif ba'aam jira. <sup>13</sup>Dubartiin ishee Baabilooniim jirtu, ishee isiniif wajjim fo'amte, nagaa isiniif dhaamti. Maarqos ilmi koos akkasuma nagaa isiniif dhaama. <sup>14</sup>dhunganna jaalalaatiin walii walii keessan dubbisa. Nagaan isin warra Kiristoositti jirtaniif haa ta'y.

## 2 Peter

## Chapter 1

<sup>1</sup> Simoon Pheexros, garbichaa fi ergamaa Yesuus Kiristoos, warra amantii isa gati qabeessa akkuma keenya kan keenya fudhate, amantii qajeelummaa Waaqayyoo keenya fi fayyinnaa keenya Yesuus Kiristoos keessatti. <sup>2</sup>Ayyaanaa fi nagaan nagaan Waaqayyoo fi gooftaa keenya Yesuusiin beekuun isiniif haa baay'tau. <sup>3</sup>Humna Waaqummaa isatiin, waan hudumtuu jireeyaa fi Waaqayyoon fakkaachuun isa beekuu keessaan nuuf kennname karaa isa ulfinaa fi sadarkaa guddaan nu waamee. <sup>4</sup>Kennaa kanaan isin badiisa isa sababii kajeellaa fooniitiif, biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii, dhaqna hafuraa isa kan Waaqayyotti hirmaattuu akka taataniiif, abdiin gati jabeeyyiinii fi gurguddoon nuuf kennamaniiru. <sup>5</sup>Sababii kanaaf, amantii keessanittigarummaa dabaluuf dhama'aa, gaarummaan immo akka beekumsa fiduuf. <sup>6</sup>beekumsi of to'achuu, of to'achuun immoo obsa, obsi immoo Waaqayyoon fakkaachuu fida. <sup>7</sup>Waaqayyoon fakkaachuun obboloota jaallachu, obboloota jaallachuun immoo jaalala. <sup>8</sup>Yoo isaan kun isin keessa jiraatanii isin keessattis immoo guddatani, akka isin dhabduu fi ija dhabeeyyee hin taane isin eega, gooftaa Yesuus Kiristoosiin beekuutiin. <sup>9</sup>Garuu namni kana hundumaa hin qabne, jamaadha fageessee hin argu, cubbuu isaa isa darbe irraa dhiqachuu isaa nama irraanfate. <sup>10</sup>Kanaaf, obbolootaa, waamamuu fi fo'amuu keessan mirkeeffachuudhaaf dhama'aa; yoo isaan kana hojii irra oolchitan, hin gufattanis. <sup>11</sup>Akkasitti mootummaa gooftaa keenya fi fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos isa bara baraa sansatti galuu, isiniif ni kennama. <sup>12</sup>Kanaaf, yeroo hundumaa isaan kana isin yaadachiisuu qophaa'adh. Yoodhuma beektu ta'e illee, yoodhuma dhugaa amma qabdaniitjaboo taatan illee. <sup>13</sup>Kun anaaf sirriidha jedheen yaada, yeroon dunkaana keessa jiru, karaa yaadachiisuu isin kakasuudhaaf. <sup>14</sup>Godoo koo isa lafarraa kana of irraa baasuun koo dhiyotti akka ta'e beeka, sababiin isaa gooftaan keenya Yesuus Kiristoos kana anatti mul'iseera. <sup>15</sup>Adda ba'uu koo boodas akka isin waantota kana hundumaa yaadattanii gootaniif arguuf yaalii nan godha. <sup>16</sup>mammaksa isa namoota si'aa'ootiin qophaa'ehin hordofne, yeroo humnaa fi waa'ee dhufaatii gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isiniti himne, garuu, nuti ulfina isatiif dhuga baatota turre. <sup>17</sup>Waan inni kabajaa fi ulfina Waaqayyo abbaa bira fudhateef, yeroo sagaleen ulfina kabaja isaan gara isaa dhufe, "Kun ilma koo isa jaallatamaadha, ani isatti baay'een gammada." inni jedhu. <sup>18</sup>Nuti ofii keenya, utuu sagaleen kun waaqa irraa dhufuu dhageenyeerra, yeroo isaa wajjin gaara isa qulqulla'aa irra turre. <sup>19</sup>sagalee raajii isa caalaatti ifaa ta'es qabna; isa isin gaarii gootanii hojjechuuf gatii itti kennitan, akkuma ibsaan bakka dukkanaatti ifu hanga guyyaan bari'ee biiftuun barii ba'utti garaa keessan keessatti. <sup>20</sup>Hundumaa caalaa, akka raajii caaffattoota qulqulla'oo

## Chapter 1

hiikaa nama tokko illee hin dhufin hubachuun isin irra jira.<sup>21</sup>raajin tokko illee fedha nama tokko illee takkaa hin dhufne, namootni yeroo karaa hafuura qulqulluu Waaqayyoo biraad fudhatan dubbataniiru.

## Chapter 2

<sup>1</sup> Raajootni sobduun gara namootaa ni dhufu, barsiisonti sobduunis gara keessan ni dhufu. Isaan dhoksaadhaan warra gantoota warra diiganis of duukaa ni fidu, gooftaa isa isaaniin fide ni ganu, Isaan saffisaan ofii isaanii irratti diigumsa fidaa jirau. <sup>2</sup>Baay'een gowwomsaa isaanii kan duukaa bu'u, daandiin dhugaas maqaa balleessu. <sup>3</sup>Of-tuulummaan isaanii dubbii sobaatiin isin saamu. Ceephon isaanii yeroo dheeraadhaa kaasee dhufaa jira, diiguun isaaniis hin dhaabanne. <sup>4</sup>Utuu Waaqayyi ergamoota warra cubbuu hoijetan adda hin bafne ta'ee, boolla dukkanaa keessatti funyoo sibiilaatiin hidhamanii guyyaa firdiif akka kaa'ama godhe malee, isaan hin qusanne. <sup>5</sup>Inni utuu addunuya isa durii adda hin baafne ta'ee, Hohiin dhoksee kaa'eera ta'ee, isa qajeelummaa himu, warra turban kan biraaj wajjin, yeroo bishaan badiisaa addunuya warra hin amennee irratti fide, <sup>6</sup>Inni utuu magaalota Sodoomii fi Gamooraan daaraatti jijiire, akka fakkeenyaa warra Waaqayyoon hin sodaanee ifatee balleessee ta'ee, <sup>7</sup>Looxiin isa qajeela oolche ta'ee, isa amala miiraa namootaa warra seera hin beekneen hacucame, <sup>8</sup>Nama qajeelaadhaaf, inni guyyaa guyyaatti isaan gidduu jiraachaa ture, hojii isaanii isa seera maleessa argee, dhaga'ees lubbuu isa qajeelaam dhiphate, <sup>9</sup>Waaqayyo yoo waantota kana godheera ta'e, namoota Waaqayyoon sodaatan rakkina keessaa akkamitti akka oolchu beeka, akka warra qajeelota hin ta'in hidhu, akka isaan guyyaa girdiitti adabamanii. <sup>10</sup>Kun keessumaa dhugaadha, warra fedha foonoisa hamaa hordofanii fi warra aboo qaban warra tuffataniif. Ija jabeeyyi fi fedha ofii, isaan yeroo warra ulfina qabeeyyi arbsan hin raafamani. <sup>11</sup>Ergamootni jabinaa fi humna guddaa qabu, garuu faallaa isaanii firdii arrabsoo gara Waaqayyootti hin fidani. <sup>12</sup>Namoonni kun garuu akka bineensota warra yaaduu hin dandeenyeetti, isaan qabuu fi balleessuuufis dhalatani. Isaan maal akka arrabsan hin beekani, balleessuu keessas ni badu, <sup>13</sup>Gatii jallina isaaniis jallinni irratti ni raawwatama, isaan guyyaa guutuu jirenya keessa ba'aa jiraachuudhaan kajeellaa isaanii isa hamaa raawwachuutti ni gammadu, kajeellaa isaanii isa hamaatti jirenya keessa ba'aa jiraachaa, yeroo isaanii wajjin nyaatan, isaan xurii fi mudaa isaanitti ni ta'u. <sup>14</sup>Iji isaanii ejjaan guutuudha, isaan cubbuu hin quufani, isaan lubbuu ishee tasgabbii hin qabne gara hojii jallinaatti ni sossobu. Garaa isaaniiif sassatatti leenjisaniiru. Isaan ijoollee abaaramaniidha. <sup>15</sup>Isan daandii isa sirrii dhiisanii isa dogoggaraa irra bu'aniru. Daandii Bala'aam ilma Be'oor hordofanii, isa warra qajeelota hin ta'im irraa kaffaltii fudhachuu jaallate. <sup>16</sup>Garuu irra daddarbaadhuma ofii isaatiif ifatame, harreen hin dubbanne sagalee naman dubbatee, maraatummaa raajichaa dhaabsise. <sup>17</sup>Namoonni kun bishaan burqitu malee fi hurrii qilleensaan oofamuudha. Dukkanni guddaan isaaniif qophaa'eera. <sup>18</sup>Haasaan isaanii kan akkasumaanii. Fedhii fooniitiin, miiran, isaan namoota warra, warra dogoggran jalaa baqachuu barbaadan ni sossobu. <sup>19</sup>Bilisummaas waadaa galuuf, garuu isaanumti ofin isaanii garboota malaamaltummaati. Namni waanuma isa irratti moo'uuf garbicha ta'a. <sup>20</sup>Gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenya Yesuus Kiristosoon beekuudhaan, xuraa'ummaa biyya lafaa duraa, baqtanii erga ba'anii, deeii'anii ittiin qabamanii yoo moo'aman, akki isaa itti jiran inni booddee isa duraa irra ni hamaata. <sup>21</sup>Karaa qajeelummaa erga beekanii booddee, abboommii qulqulluu isa isaaniiif kenname irraa gara-galuu irra, takkaadhumaa utuu hin beekun hafaniiru utuu ta'ee, isaaniiif ni wayya ture. <sup>22</sup>Fakkeenyi kun isaaniiif dhugaadha, "Sareen deebisee dig-diguma isaa nyaata, booyyenis dhiqatee dhoqqeetti deebi'a."

## Chapter 3

<sup>1</sup>Jaallatamo, Kun xalayaa isa lammaaffaa isa ani isiniif barreesseedha, lamaan isaanii keessatti iyyuu xalayoonni kun, sammuu keessan isa gaarii kakaasuufi. <sup>2</sup>Akka isin sagalee isa kanaan dura raajota warra qulqullootaan dubbatamee ture yaadattanii fi abboommii gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenaa isa ergamoota keessaanii kennames. <sup>3</sup>Dura kana beekaa, warri ga'isan akka bara dhumaatti dhufan. Isaan ni qosu, akka fedha ofii isaaniitts itti ni fufu. <sup>4</sup>Isaan akkas jedhu, "Waadaan deebi'uut keetii eessa jira? Bakka abbootiinn keenya rafanii, waanti hundumtuu akka turetti jira, erga bara uumamaatii kaasee," <sup>5</sup>Isaan beekaadhuma itti yaadanii akka bara dheeraa dura biyyi lafaa sagalee Waaqayyoon bishaan keessaa bishaaniin uumamte irraanftu, <sup>6</sup>Karaa isa ittiin biyyi lafaa bara sana bade. Bishaan irra yaa'ee. <sup>7</sup>Sagaleedhuma wal fakkaataadhaan, waaqnii fi biyyi lafaa abiddaaf kaa'amani; guyyaa firdiiti fi akkasuma guyyaa diigamuu warra sodaan Waaqayyo keessa hin jirreef kaa'amani. <sup>8</sup>Yaa jaallatamo, kana hin irraanfatinaa, akka gooftaa wajjin guyyaan tokko akka guyyaa kuma tokkoo ta'e, waggaan kumni tokko immo akka guyyaa tokkoo ta'e. <sup>9</sup>Waaqayyo waa'ee abdii isaatiif suuta hin jedhu, akka namootni suuta jechuu isaa barbaadan. Qooda isaa, inni waa'ee keesaniif obsa qabeessa. Eenyuu keessa illee akka baddaan hin fedhu, gara qalbii jijiirranaatti aka dhuftan malee. <sup>10</sup>Haa ta'u malee, guyyaan gooftaa aka hattuutti ni dhufa, waaqonni sagalee guddaadhaan ni badu. Qabiyyeewan isaa abiddaan ni gubatu, lafaa fi hojii ishee keessa jiru duwwaa ni ta'u. <sup>11</sup>Yeroo waantotni kun bifa kanaa badan, isin namoota akkamii taatu? Isin jirenya qulla'a fi Waaqayyoon fakkaatu jiraattu. <sup>12</sup>Guyyaa dhufaatii Waaqayyo eggachuu fi ariifachiisuutu isin irra jira. Guyyaa sana, waaqonni abiddaan ni badu, qabiyyeewan isas ho'a guddaan ni baqu. <sup>13</sup>Garuu akka waadaa kanaatti nuti waaqa haaraa fi lafa aaraa eegganna, bakka warri qajeelonni jiraatan. <sup>14</sup>Kanaaf, jaallatamo, yeroo waanota kana eeggattan, isa duratti muda maleeyyii fi warra hin komatamne ta'uuf hanga dandeessan hojjedhaa, nagaadhaan. <sup>15</sup>Akkasuma, obsi Waaqayyo fayyina keessaniif akka ta'e beekaa, akkuma obboleessi keenya jaallatamaan Phaawulos isiniif barreesse, akka ogummaa isa isaaf kennameetti. <sup>16</sup>Phaawulos xalayoota isaa hundumaa keessatti waa'ee isaan kanaa ni dubbata, isa waanotni hubachuun isaa keessa jiru keessatti. Namoonni warri hin hubannee fi tasgabbii hin qabne kana ni jallisu. Yeroo caaffata qulqulla'a kan biraa qopheessan, diiguma ofii isaaniitif. <sup>17</sup>Kanaaf, yaa jaallatamo, erga waa'ee waantota kanaa dursitanii beektu ta'ee, akka namoota warra seera hin beekneen hin gowwomsanneef of eeggadhaa; akkasuma akka amantii keessanis hin dhabnetti. <sup>18</sup>garuu, ayyaanaa fi fayyinaa keenya gooftaa Yesuus Kiristoosiin beekuutti guddadhaa. Isaaf ulfinni ammas, bara baraanis isaaf haa ta'u. Ameen!

## 1 John

## Chapter 1

<sup>1</sup> Isa jalqabaa kaasee, dhageeny, isa ija keenyaan argine, isa ilaallee fi harki keenya tuqe, sagalee jirenyaa ilaachisee. <sup>2</sup>Akkasuma, jirenyichi beeksifameera, nutis isa arginee dhugaas baaneerra. Nuti jirenya bara baraa isa Abbaa bira turee fi nutti beeksifame isinitti labsaa jirra. <sup>3</sup>Waan arginee fi dhageenyees isinitti himna, kanaaf isinis nuu wajjin hariiroo ni qabaattu. Hariiroon keenya abbaa wajjinii fi ilma isaa Yesuus Kiristoosii wajjini. <sup>4</sup>Akkasuma, waantota kana akka gammachuun keessan guutuu ta'uuf isinii barreessina. <sup>5</sup>Kun ergaa isa nuti isa irraa dhageenyee fi isinitis labsaa jirruudha. Waaqayyo ifa, isa keessa tasumaa dukkanni hin jirru. <sup>6</sup>Nuti akka isaa wajjin hariiroo qabnuu fi dukkana keessa adeemnu yoo argine, nuti sobdotaa fi warra dhugicha shaakalaa hin jirreedha. <sup>7</sup>Garuu akkuma inni ifa keessa jiru nuti yoo ifa keessa jiraanne, walii keenya wajjin hariiroo yoo qabaanne, dhiigni ilama isaa Yesuus cubbuu hundumaattii ni quleessa. <sup>8</sup>Nuti yoo cubbuu hin qabnu jenne, ofii keenya gowwomsina, dhugichis nu keessa hin jiru. <sup>9</sup>Garuu immoo yoo cubbuu keenya himanne, inni cuubbuu keenya nuuf dhiisuu fi xuraa'ummaa hundumaattii nu quleessuudhaaf amanamaadha. Garuu yoo qalbii jijiirranne, inni amanamaadha cubbuu keenya nuuf dhiisuuudhaaf <sup>10</sup>Nuti yoo cubbuu hin goone jenne, sobduu isa taasifna, dubbiin isaas ni keessa hin jiru.

## Chapter 2

<sup>1</sup>Yaa ijoollee, ani akka isin cubbuu hin hojjenneefin waantota kana isiniif barreessaa jira. Garuu namni tokko yoo cubbuu hojjete. Abbaa biraa falmaa qabna, Yesuus Kiristoosiin, isa qajeelaa. <sup>2</sup>Inni cubbuu keenyaaf aarsaa isa araarsaadha. Nu'i qofaafis miti, guutummaa addunyaafis malee. <sup>3</sup>Nuti akka isa beekuukaadhaaf dhufne beekna, yoo abboommoota isaa eegne. <sup>4</sup>Inni "Waaqayyoon beeka" jedhaa abboommota isaa immoo hin eegne sobaadha; dhugaanis keessa hin jiru. <sup>5</sup>garuu inni dubbii isaa eegu, dhugaadhumatti jaallii Waaqayyoo isa keessatti jabaateera. Kanaanis isa keessa akka jiruu ni hubanna. <sup>6</sup>Namni Waaqayyoo keessatti qabamee jiraachuu barbaadu akkuma inni adeemetti adeemuutu irra jira. <sup>7</sup>Yaa jaallatamo, ani abboommii haaraa isiniif barreessaa hin jiru, garuu isuma durii isin jalabaa kaasee beektaniidha. Abboommiin inni haaraan sagalee isa isin dhageessaniidha. <sup>8</sup>Haa ta'u malee, abboommii haaraa isiniif barreessan jira, isa Kiristoos keessatti, isin keessattis dhugaa ta'e, sababiin isaa dukkanichi darbaa jira, ifichi inni dhugaan immoo ifaa jira. <sup>9</sup>namni ificha keessan keessan jira jechaa, obboleessa isaa jibbu, amma iyyuu dukkanicha keessa jira. <sup>10</sup>Namni obboleessa isaa jaallatu ificha keessatti hafa, isa keesa gufachuun hin jiru. <sup>11</sup>garuu namni obboleessa isaa jibbu dukkana keessa jira, dukkana keessas ni adeema; inni eessa akka adeemaa jiru hin beeku sababiin isaa dukkanichi ija isaa jaamseera. <sup>12</sup>Isiniifan barreessa, yoo illoolle, sababii maqaa isaatiin cubbuun keessa isiniif dhiifameera. <sup>13</sup>Isiniifin barreessa, abbootii, sababii isin jalqaba irraa kaaftanii isa beektaniif. <sup>14</sup>Isinnifin barreessa, yaa dargaggootaa, sababii isin isa hamaa sana mootaniif. Isiniifin barreessa, ijoollotaa, isin abbaa waan beektaniif. <sup>15</sup>biyya lafaa yookaan waantota biyya lafaa keessa jiru hin haallatinaa. Namni yoo biyya lafaa haallatee, jaalalli Waaqayyoo keessa jin jiru. <sup>16</sup>Waanta biyya lafaa keessa jiru hundumaaf, hawwi foonii, hawwii ijaa fi of-tuulummaan jirenyaa abbaa biraa miti, biyya lafaa biraati malee. <sup>17</sup>biyya lafaa fi hawwiin isaa darbaa jiru. Garuu namni fedha Waaqayyoo hojjetu immoo bara baraan jiraata. <sup>18</sup>Yaa ijolle, yeroo isa dhumaati. Akkuma dhageessan inni mormituu Kiristoos ta'e dhufaa jira. Amma warri mormitoota Kiristoos ta'an dhufaniiru. Kanaanis akka inni yeroo isa dhumaa ta'e hubanna. <sup>19</sup>isaan nu biraa adeemaniiru. Garuu ni biraa miti. Utuu nu biraati ta'ee numa silaa numa bira ture turani. Garuu isaan yeroo sokkan, akka ni biraa hin ta'in argisiisanii. <sup>20</sup>Isin garuu isa qulqulluu bira dibata qabdu, hunumati keessanis beektu. <sup>21</sup>waan isin dhugicha hin beekneefin isinii barreessa miti, garuu waan isin beektaniif, sobnis dhugicha bira waan hin jirreef. <sup>22</sup>inni sobduun eenyuudha, inni akka Yesuus, Kiristoosiin ta'e ganu? Namni sun mormituu Kiristoosi, inni abbaa fi ilma ni gana. <sup>23</sup>Namni kam iyyuu ilma kan ganu abbaa of keessaa hin qabu. Kan ilma dhugaa ba'u immoo abbaa qaba. <sup>24</sup>Isiniif, inni isin jalqabaa kaasee dhageessan isin keessatti haa afu. Isinis ilma keessatti, abbaa keessattis. <sup>25</sup>Kun kakuu isa inni nuuf kenneedha, jirenya bara baraa. <sup>26</sup>Ani Waan kana waa'ee warra isin gowwomsuu barbaadaniifin isiniif barreesseera. <sup>27</sup>Isin garuu ibatni isin fudhattan isin keessa ni jiraata; namni kan biraan isin barsiisuun hin barbaachisu, dibatichi akka waan hundumaa isn dhugaadha malee soba miti. Akkuma inni isin barsiise isa keessa jiraadhaa. <sup>28</sup>Amma, yaa ijolle, yeroo inni mul'atu ija jabina qabaannee dhufaatii isaa duratti akka hin qaanoofneef isa keessa turaa. <sup>29</sup>Yoo akka inni qajeelaa ta'e beektan, namni waan sirrii hojjatu hundi isa irraa akka dhalate ni beektu.

## Chapter 3

<sup>1</sup> Abbaan jaalala akkamii nuuf kenne, akka nuti ijoolee Waaqayyoo jedhamnee waamamnuuf, kun eenu akka nuti taaneedha. Kana irraan kan ka'e, biyyi lafaa nun beeku, isa waan hin beekneef.<sup>2</sup>Yaa jaallatamo, amma nuti ijoolee Waaqayyooti, maal ta'uu akka jiruu immoo amma iyyuu hin mul'anne. Nuti beekna, yeroo Kiristoos mul'atu, akka isaa akka taanu,akkuma inni jiruttis isa ni argina.<sup>3</sup>Namni hundumtuu isa keessatti abdii qaba,akkuma inni qulqulluu ta'e, innis of qulqulleessa.<sup>4</sup>Namni cubbuu hojjetu hundumtuu hojii seera maleessummaa hoijeta, cubbuun seela maleessummaa waan ta'eef.<sup>5</sup>Akka Yesuus cubbuu keessan isin irraa fuudhuuf mul'ate ni beektu; isa keessa cubbuun hin jiru.<sup>6</sup>Namni isa keessa taa'ee cubbuu hojjechuu itti fufu hin jiru. Namni cubbuu hojjechuu itti fufu isa hin argine, yookaan isa hin beekne.<sup>7</sup>Yaa ijoolle, eenu illee isin hin gowwomsin. Namni qajeelummaa hojjetu qajeelaadha,akkuma Yesuus qajeelaa ta'e.<sup>8</sup>Namni cubbuu hojjetu hundumtuu seexana biraati; inni jalqabuma cubbuu hojjeteera. Kanaafis ilmi Waaqayyoo mul'ate, hojii seexanaa diiguudhaaf.<sup>9</sup>Namni Waaqayyottii dhalate itti fufee cubbuu hin hojjetu; sanyiin Waaqayyoo isa keessa waan jiruuf. Inni waan Waaqayyottii dhalteef itti fufee cubbuu hin hojjetu.<sup>10</sup>kana keessatti ijooleen Waaqayyoo fi ijooleen seexanaa mil'ataniiru; namni waan Waaqayyoo biraq qajeelaa ta'e hin hojenne, namni obboleessa isaa hin jaallannes akkasuma.<sup>11</sup> kun ergaa isa isin jalqaba dhageessan waan ta'eef, walii keenya jaallachuutu nurra jira.<sup>12</sup>Akka Qaa'en ta'uun nurra hin jiru, isa isaa hamaa biraq biraq ta'ee obboleessa isaa ajeese. Inni maaliif isa ajeese? Waan ofii isaaaf hamaa hojjetuu fi obboleessi isaa immoo qajeelaa ta'eef.<sup>13</sup>Hin dinqifatinaa, yaa obboloota ko, yoo biyyi lafaa isin jibbe.<sup>14</sup>Nuti jirenya keessaa gara jirenyaatti akka darbine beekna; kanaaf obboloota jaallanna. Namni hin haallanne du'a keessatti hafa.<sup>15</sup>Nami obboleessa isaa hin haallanne ajeessaadha. Akka nama ajeesuu keessa jirenyi hin jirre beektu. Namni nama ajeese kam iyyuu jirenya bara baraa isa keessa jiraatu akka hin qabne ni beektu.<sup>16</sup>Kanaanis beekna, Yesuus lubbuu isaa waan nuuf kenneef. Nutis akkasuma lubbuu keenya obboloota keenyaaf kennuutu nurra jira.<sup>17</sup>Garuu, namni meeshaa biyya lafaa qabu, obboleessa isaa isa rakkate arga, garaa gara laafina isas isa irraa cufa, akkamitti jaalalli Waaqayyoo isa keessatti hafa?<sup>18</sup>Yaa ijoolee ko, afaaaniin yookaan arrabaan utuu hin ta'in, garuu immoo hojjidhaa fi dhugaadhaan haa jaallannu.<sup>19</sup>Kanaanis akka dhugaa biraq taane ni hubanna, isa durattis garaa keenya ni mirkaneessina.<sup>20</sup>Yoo garaan keenya nu ceepha'e, Waaqayyo garaa keenyaan oli, inni waan hundumaa beeka.<sup>21</sup>Yaa jaallatamo, yoo garaan keenya nun ceepha'u ta'e, nuti Waaqayyotti ija jabina qabna.<sup>22</sup>Waan isa gaafannu isaa biraq ni arganna, sababiin isaa abboommota isaa ni eegna, waan isaa dduratti gaarii ta'e ni hojjenna.<sup>23</sup>Kun abboommuidha, akka nuti maqaa ilma isaa Yesuus Kiristoositti amannuu fi walii keenyaas jallannuuf; akkuma inni abboommii kana nuuf kenne.<sup>24</sup>Namni abboommii Waaqayyoo eegu, isaa keessatti ni hafa, Waaqayyos isaa keessatti. Kanaanis akka inni nu keessatti hafu ni beekna. Isa inni hafuuraan nuuf kenne.

## Chapter 4

<sup>1</sup>Yaa jaallatamo, hafuura hundumaa hin amaninaa. Qooda isaa Waaqayyoo biraat ta'uu isaanii qoraa; raajonni sobduun hedduun gara biyya lafaa dhufaniiru. <sup>2</sup>Kanaan hafuura Waaqayyoo ni beektu-hafuurrii inni akka Yesuu Kiristoos fooniin dhufe dhufaa ba'u Waaqayyo biraati. <sup>3</sup>hafuurri inni Yesuusiin dhugaa hin baane immoo Waaqayyoo biraat miti. Kun hafuura mormitoota Kiristoosi, inni isin dhageessan dhufaa jira, ammas immoo biyya lafaa keessa jira.<sup>4</sup> Isin Waaqayyoo biraati, yaa ijoolle, isin isaaniin mootaniittu, sababiin isaa inni isinii wajjin jiru isaa biyya lafaa keessa jiru irra ni caala. <sup>5</sup>Isaan biyya lafaa keessatti, kanaaf waanti isaan jedhan biyya lafaa biraati, biyyi lafaas isaaniin dhageeffata. <sup>6</sup>Nuti Waaqayyoo biraati, namni Waaqayyoo biraat ta'e hundumtuu nu dhaggeeffata. Kan Waaqayyoo biraat hin ta'in nun dhaggeeffatu. Kanaanis hafuura dhugaa fi hafura ogoggraat beekna.<sup>7</sup> Yaa haallatamo, walii keenya haa jaallannu, jaalalli Waaqayyoo biraati, namni jaallatu hundumtuu Waaqayyoo irraa dhalate, Waaqayyoonis beeka. <sup>8</sup>Namni hin jaallanne Waaqayyoon hin beeku, Waaqayyo jaalala waan ta'eef.<sup>9</sup> Kanaaf jedhees jaalalli Waaqayyo gidduu keenyatti mul'ate, Waaqayyos kanaaf isa tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge, akka nuti isa irraan kan ka'e jiraannuuf. <sup>10</sup>Jaalala kana keessatti, nutu Waaqayyoon jaallate miti, garuu immoo isatu nu jaallate, akkasuma akka ilmi isaa cubbuu keenyaa aarsaa araaraa ta'uuf erge.<sup>11</sup> Yaa jaallatamo, erga Waaqayyo akkas nu haallatee, nutis walii keenya jaallanne, Waaqayyo nu keessatti hafa, jaalalli isaa guutuu nu godheera. <sup>12</sup>Kanaanis isaa keessatti hafuu keenya ni beekna, innis nu keessatti, hafuura isaa irraas waan nuuf kenneef. <sup>13</sup>Akkasuma, nuti akka abbaan ilmi isaa fayyisaa biyya lafaa ta'uuf erge dhugaa baaneerra. <sup>15</sup>Namni akka Yesuuus ilma Waaqayyoo ta'e dhugaa ba'u, isaa keessatti hafa, Waaqayyoo keessatti. <sup>16</sup>Akkasuma, jaalala isaa Waaqayyo nuuf qabu beeknee amaneerras. Waaqayyo jaalala, namni jaalala kana keessa jiraatu Waaqayyo keessa jiraata. Waaqayyos isaa keessa ni jiraata.<sup>17</sup>Sababii kanaaf, jaalalli kun nu gidduutti guutuu ta'e, akka nuti guyyaa firdiitti ija jabina qabaannuuf, sababni isasakkuma inni jiru nutis addunyaa kana irrattis akkasuma. <sup>18</sup>Jaalala keessa sodaan hin jiru, qooda isaa, jaalalli guutuuun sodaa baasee gata, sababiin isaa sodaan adabbii wajjin hojjeta. Garuu, namni sodaatu, jaalala keessatti guutuu hin taane.<sup>19</sup>19 Nuti ni jaallanna, sababiin isaa <sup>20</sup>Yoo namni tokko, "Waaqayyoon nan jaalladha" jechaa obboleessa isaa jibbe, inni sobaadha. Namni obboleessa isaa is argu hin jaallanne, Waaqayyoon jaallachuu hin danda'u, isaa hin argin. <sup>21</sup>Akkasuma, kun abboommii isaa nuti isaa biraat fudhanneedha, namni Waaqayyoon jaallatu, obboleessa ofii isatiis jaallachuu irra jira.

## Chapter 5

<sup>1</sup>Namni akka Yesuus Waaqayyoottii dhalate amanuu fi namni abbaas jaallatu nama isa irraa dhalate jaallata.

<sup>2</sup>Kun akkaataa nuti ijolle Waaqayyo jaallannuudha, yeroo Waaqayyoon jaallannuu fi abboommota isas eegnu. <sup>3</sup>Abboommota isaa eeguun, jaalala Waaqayyoof. Abboommtonni isas ulfaatoo miti.<sup>4</sup> Namni Waaqayyootti dhalate biyya lfaa ni mo'a. kun moo'icha isa biyya lafaa moo'eedha, amantii keenya illee. <sup>5</sup>Eenyutu biyya lafaa moo'a? nama isa akka Yesuus ilma Waaqayyo ta'e amanu.<sup>6</sup> Kun isa bishaanii fi dhiigaan dhufeedha. Yesuus Kiristoos, inni bishaan qofaadhaan hin dhufne, bishaanii fi dhiigaan malee. Hafuurri isa dhugaa ba'uudha, sababiin isaa Hafuurri dhugaadha. <sup>7</sup>Kan dhugaa ba'an sadiitu jiru; <sup>8</sup>Hafura, bishaanii fi dhiiga. Isaan sadan kun waliif galu.<sup>9</sup> Nuti yoo dhuga ba'umsa namma fudhanne, dhuga ba'umsi inni kan Waaqayyo ni caala. Kun dhuga ba'umsa isa kan Waaqayyo isa inni ilma isaa ilaachisee dhugaa ba'eedha. <sup>10</sup>Namni ilma Waaqayyootti amanu ofii isaa keessaa dhuga ba'umsa qaba. Namni Waaqayyoon hin amanne sobduu akka ta'u isa godheera, sababiin isaa inni dhuga ba'umsa isa Waaqayyo waa'ee ilma isaatii kenne hin amanne.<sup>11</sup> Dhuga bu'umsichis kana, Waaqayyo jirenya bara baraa kenne, jirenyichis ilma isaa keessa jira. <sup>12</sup>Namni ilmicha qabu jirenya qaba. Namni ilma Waaqayyo hin qabne jirenya hin qabu.<sup>13</sup> Ani akka isin jirenya bara baraa qabdan akka beektaniifin kana isiniif barreesse. Isin warra maqaa ilma Waaqayyootti amantaniif. <sup>14</sup>Akkasuma, kun ija jabina isa nuti isa duratti qabnuudha, yoo akka fedha isaatti waan fedha keenyaa gaafanne, inni ni dhaga'a. <sup>15</sup>Akkasuma, yoo akka inni nu dhaga'u hubanne, waanta nuti isa gaafannu, waan isa gaafanne hunda akka qabnu ni beekna.<sup>16</sup> Namni obboleessi isaa utuu cubbuu du'a hin fidne raawwachuu yoo arge, kadhachuu irra jira, Waaqayyos jirenya ni kennaaf. Ani waa'ee warra cubbuun isaanii du'a hin fidneen argisiisa. Cubbuun du'a fidu jira, ani, inni waa'ee isaa kadhachuu irra jira jechaan jira miti. <sup>17</sup>Jallinni hundumtuu cubbuudha, garuu cubbuun du'a hin fidne jira.<sup>18</sup> Nuti beekna akka namni Waaqayyootti dhalate cubbuu hin hojenne, garuu namni Waaqayyoorrii dhalate isa ni eega, inni hamaanis isa hin midhu. <sup>19</sup>Nuti akka Waaqayyo biraa taane beekna. Nuti akka gutummaan biyya lafaa humna isa hamaa keessa jiru beekna.<sup>20</sup> Nuti garuu akka ilmi Waaqayyo dhufee, akka nuti isa dhugaa ta'e Isa beeknuuf hubanna nuuf kenne beekan. Akkasuma, ilma isaa Yesuus Kiristoos keessa. Ini kun Waaqayyo isa dhugaa fi jirenya bara baraati. <sup>21</sup>Yaa ijolle, waaqota tolfamoo irraa of eega.

## 2 John

## Chapter 1

<sup>1</sup> Maanguddii irraa kaasee hanga ishee filatamtee fi ijolle isheetti, kan an dhugaadhaan jaal'adhu, ana qofaa miti, warra dhagaa beekan hundumaas, <sup>2</sup>Sababii dhugaa isa nu keessa jiruu fi bara baraanis nuu nu wajjin jiraatuuf.<sup>3</sup> Ayyaanni, araarrii fi dhugaan Waaqayyo abbaa fi Yesuus Kiristoos biraan nuuf haa ta'u, ilma Waaqayyo, dhugaa fi jaalala keessaan.<sup>4</sup> Ijolleen keessan keessa warra dhugaan adeeman arguu kootti guddaan gammade,akkuma abboommii isaa abbaa biraan fudhanne. <sup>5</sup>amma isinin kadhadha, akka nama abboommii haaraa isiniif barreessuutti miti, garuu isun jalabaa kaafnee qabnu malee. Akka wal jaallannuuf.

<sup>6</sup>Kun jaalala, akka abboommii isatti akka adeemnuuf. Kun abboommiidha, akkuma jalqabaa kaasee dhageessan, isa keessa akka adeemtaniif.<sup>7</sup>warri nama gowwomsan baay'een biyya lafaa keessatti ergamanii waan jiraniif, isaan akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe dhugaa hin ba'ani. Kun isa sobaadhaa fi faallaa Kiristoosi. <sup>8</sup>Offi keessan ilaalaa, waanta itti dhamaane akka hin dhabnetti, garuu immoo badhaasa guutuu akka argattaniif.<sup>9</sup> Namni gara fuula duraatti hin adeemnee fi barsiisa Kiristoos keessatti hin hanfne Waaqayyoon hin qabu. Namni barsiisachatti qabamee hafu, inni abbaa fi ilmas qaba. <sup>10</sup>Namni tokko yoo gara keessan dhufee barumsa kana immoo hin fidu ta'e, gara mana keessanii isaa hin fudhatinaa, isas hin dubbisinaa. <sup>11</sup>Namni nagaa gaafatu, hooji isaa isaa hamaa keessatti hirmaachuu isati.<sup>12</sup> Ani waanan isiniif barreessuu baay'een qaba, garuu waraqaa fi qalamaan isiniif barreessuu hin barbaanne. Garuu, gara keessan dhufee fuulaa fuulaan isinitti haasa'un barbaada. Akka gammachuun keessan guutuu ta'uuf.<sup>13</sup>Ijolleen obboleettii keessan ishee fo'atmamtuu nagaa isin gaafatti.

## 3 John

## Chapter 1

<sup>1</sup> Maanguddoo isa jaallatamaa Gaa'yoosiif, isa ani dhugaatti haalladhuuf. <sup>2</sup>Yaa jaallatama, waan hundumtuu gaarii akka siif ta'uu fi fayyaas akka qabaattu nan kadhadha. Akkuma lubbuu keetiif gaarii ta'e. <sup>3</sup>Yeroo obboloonni dhufanii waa'ee dhugaa naaf ba'an guddaan gammade; akka ati dhugaan adeemaan jirtu. <sup>4</sup>Ani kana caalaa gammachuu hin qabu, isa ijooleen koo dhugaadhaan adeeman dhaga'uun caalaa. <sup>5</sup> Yaa michoo ko, ati yeroo obbolootaa fi warra ormaadf hoijettu amanamummaa shaakalta. <sup>6</sup>Warra jaalala kee waldaa amantootaa keessatti dhugaa ba'an. Karaa Waaqayyoof maluun adeemsaa isaanii irratti isaan erguun kee gaariidha. <sup>7</sup>Sababiin isaa, isaan maqaa kanaaf jedhanii ba'an, warra ormootaa biraan homaa hin dudhanne. <sup>8</sup>Kanaaf dhugaaf akka waliin hojjennuuf namoota akkanaa simachuu qabna. <sup>9</sup>Ani waan tokko waldaa kiristiyaanaaf barreesseera, garuu, Diyooxiraaxis inni isaan keessaa tokkoffa ta'uu barbaadu, nun fudhanne. <sup>10</sup>Kanaaf yoon dhufe, hojii isa inni hojjetettin gatii kenna, sobaan jechoota hamoodhaan nu himate. Sanattis hin quufne, ofii isaatii obbolootaa simachuu diduu qofa utuu hin ta'in, garuu warra isaaniin simachuu barbaadanis dhaabsisee waldaa amantootaa keessaa isaan ari'a. <sup>11</sup> Yaa michuu ko, waan hamaa ta'e utuu hin ta'in, waan gaarii fakkaadhu. Namni waan gaarii hojjetu Waaqayyo biraati, inni hamaan garuu Waaqayyoon hin argine. Inni hamaa hojjetu Waaqayyoon hin argine. <sup>12</sup>Dimexiroos, namoota hundumaa biraan dhuga ba'umsa gaarii qaba, dhugaadhaan illee. Nuti illee waa'ee isaa dhugaa ni baana, akka dhuga ba'umsi keenya dhugaa ta'e isini beektu. <sup>13</sup> Waanan isiniif barreessuu waan heedduun qaban ture, garuu qalamaa fi waraqaan isiniif barreessuu hin barbaadu. <sup>14</sup>yeroo dhiyottiisin arguu nan hawwa, fulaa fulaanis ni haasofna. <sup>15</sup>Nagan isiniif haa ta'u. obboolonni nagaa siif dhaamu. Obbooloota achi jiran maqaa waamii naaa itti naaf himi.

## Jude

<sup>1</sup> Yihudaa, tajaajilaa Yesuus Kiristoosii fi obboleessa Yaaqob, warra waamamaniif, warra Waaqayyo abbaatti jaallataman, warra Yesuus Kiristoosii eegamaniif. <sup>2</sup>Araara, naagaa fi jaalli siif haa baay'atu. <sup>3</sup> Yaa Jaallatamo, waa'ee fayyina waloo keenya isiniif barreessuu carraaqii hunda osoon gochaa yeroon ture, amma amantii isa al tokkicha yeroo hundumaaf akka ta'utti warra Waaqayyoof qulqull'aanitti dabarfame sanaaf akka loltaniif caafee, isin gorsuun dirqamaan barbaachisa ta'uu isaa. <sup>4</sup>Namoonni tokko tokko dhoksaan isin gidduu seenaniiru. Namoonni kun ceepaha'amuuf mallatoeffamnii turan. Isaan namoota Waaqayyoon hin sodaanne warra ayyaana Waaqayyo keenya gara miira namaatti jijiiraniidha. Akkasuma isaan, gooftaa keenya isa tokkicha Yesuus Kiristoosiin ni fanu. <sup>5</sup>Ani amma isin yaadachiisuun barbaada, yoodhuma yeroo tokkicha guutummaatti beektaniittu iyyuu ta'e, akka Waaqayyo saba isaa biyya Gibxii baase, isa booda garuu inni warra hin amanne ni balleesse. <sup>6</sup>Akkasuma, ergamotoo warra bakka aboo isaanii hin eeggannes, warra bakka jireenyaa isaanii isa sirrii dhuusan. Waaqayyo guyyaa guddaa sanatti firdiidhaaf hidhaa bara baraa, dukkana guutuu keessatti isaan eegeera. <sup>7</sup> Akkasumas Sodoomii fi Gomoraa fi magaaloni naannoo isaanii jiran saalqunnamtii jallaa fi gocha saalqunnamtii jal'aadhaaf of kennan. Isaan warra adabbii ibidda bara baraatiin dhiphataaniif fakkeenyaa ta'anii tajaajilu. <sup>8</sup>Akkasuma haaluma wal-fakkaatuun abjoottooni kun qaama isaaniis xureessuu. Isaan aboodhaan ni mormu, warra ulfina qabeessa immoo maqaa balleessu. <sup>9</sup>Mikaa'el inni ergamaan illee, yeroo inni seexanaa wajjin wal falmaa turee fi waa'ee reeffa Musee irratti wal falmaa ture, murtii arrabsoo isa irratti fiduuf ija hin jabaanne, inni garuu "Gooftaan si haa ifatul!" jedhe. <sup>10</sup>Garuu namoonni kun waan hin hubanne arrabsu; akkasumas waan isaan hojjetan uumamaan hubatu. Akkuma bineensota warra sammuu hin qabne, wantoota warra isaan balleessan. <sup>11</sup>Isaaniif wayyoo! Sababni isaas, karaa Qaayin irra deddeebi'aniiru, bu'aa argachuufis dogoggora Bala'aamiin liqimfamaniiru. Akkuma Qooraayi mormanii Waaqayyo irratti ka'uu isaaniitinis balleeffamuu isaaniiti. <sup>12</sup>Jarri kun irbaata jaalalaanisa wajjin qabdan yeroo malee isin wajjin nyaachuun isaanii xurii isinitti ni ta'a. toksitoota warra ofii isaanii qofaa sooran. Isaanis duumessa rooba hin qabnee fi qilleensi baatuudha. Mukkeetii birraa, firii hin qabne—yeroo lama du'an, hundee irraa buqqa'an. <sup>13</sup>akkuma dha'aan galaanaa inni unkuramaan, hoomocha baasu, isaanis hojii isaanii isa yeellasisaa, akka hoomichaatti ol ni baasu, isaan akka qorsaati, iddoon dukkana limixii bara baraan isaaniif kaa'ame, jira. <sup>14</sup>Henok, Addaam irra inni torbaffaan waa'ee isaanii akka jedhee raajii dubabteera, "Ilaalaa! Gooftaan qulqulloota isaa kumaatamaa fi kumaatamaan dhufaa jira." <sup>15</sup>Inni namoota hundumaatti faraduudhaaf dhufaa jira. Inni namoota Waaqayyoon hin sodaanne hundumaa hojii isaan karraa Waaqayyoon hin sodaanneen hojjetan hundumaa irratti murtii kennuudhaaf dhufaa jira; akkasuma, dubbii hadhaawaa warri cubbamoonni Waaqayyoon hin sodaanne

isa irratti dubbatan hundumaattis.<sup>16</sup> Isaan kun warra gunguman, komatan fi fedhii hamaa ofii isaanii hordofaniidha. Afaan isaanii sagalee guddaadhaan of jajuu dubbata, bu'aa argachuuf warra kaan ni jajjabeessa.<sup>17</sup> Isin warri jaallatamoongaruu, sagelee isa dur ergamoota gooftaa keenya Yesuus Kiristoosin dubbataman yaadadhaa.<sup>18</sup> Isaan, "Bara dhumaatti warri qoosan, warrai Waaqayyoon hin sodaanne fi fedhii ofii isaanii hordofan ni jiraatu."<sup>19</sup> Isaan addaan qoodamuu ni fidu, isaan kan biyya lafaati, hafuurichas hin qabani.<sup>20</sup> Isin garuu, yaa jaallatamo, amantii keessan isa hunda caalaa qulqulluu ta'een of ijaaraa, hafuura qulqulluutiinis kadhadhaa.<sup>21</sup> Jaalala Waaqayyoo keessatti of eegaa, akksuma, araara Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isa jirenya bara baraa isiniif fidu eeggadhaa.<sup>22</sup> Warra shakkanitti araara argisiisaa.<sup>23</sup> Warra kaan abidda keessaa butaa baasaa, warra kaanitti sodaadhaan araara itti argisiisaa, uffata fooniin xuraa'e illee akka jibban.<sup>24</sup> Amma isa akka isin hin gufannee fi fuula isaa isa ulfina qabeessa dura mudee fi gammachuu guddaadhaan akka dhaabbattu si gochuu danda'uuf,<sup>25</sup> Waaqayyoo keenya isa tokkicha karaa goofta keenya Yesuus Kiristoos ni fayyiseef, ulfinni haa ta'u, ulfinni, ol-aantummaa fi aboon, bara hundumaa amma kaasee hanga bara baraatti isaaf haa ta'u. Ameen.

## Revelation

<sup>1</sup> Kuni mul'ata Yasuus Kiristoos isa inni ittiin wanta as dhiyootti ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti argisiuudhaaf Waaqayyo biraargatee dha. Waaqayyo hojjetaa isaa Yohaannisitti kanas kan beeksise, ergamaa isaa ergguudhaani dha.<sup>2</sup> Yohaannisis sagalee Waaqayyo dubbatee Yasuus Kiristoos dhugaa ba'uu isaa waanta arge hunddaa dhugaa ba'eera.<sup>3</sup> Yeroon kuni itti raawwatu waan as dhi'aateef, namni isa inni dhugaa ba'e kana sagalee isaa ol kaasee dubbisu, warri dubbiif raajii dubbatame kana dhaga'anii fi warri wanta isa keessatti barreeffameefifis abboomaman ebbifamtoota dha.<sup>4</sup> Yohaannis waldoota kiristiyanaa toorban Asiyaa keessa jirtaniif kana jedhe: "Ayyaannii fi nagaan Waaqayyo isa jiru, isaa turee fi isaa dhufuuf jiru bira fi afuurota toorban teessoo isaa dura jiran bira isiniif haa ta'u";<sup>5</sup> "Yasuus Kiristoos, isaa amantummaa dhaan dhugaa ba'e, isaa hunda dura du'aa ka'ee dhalatee fi isaa abboomaa mootota biyya lafa kanaa ta'e biraas isiniif haa ta'u." "Isa nu jaalatuu fi isaa dhiiga isaa unuuf jedhee dhangalaasee cubbuu keenya irraa nu dhiqueef,"<sup>6</sup> "Isa mootummaa nu keennee fi isaa luboota Waaqayyo abbaa isaa nu godhee sanaafis ulfinni fi aangoon bara baraa isaaf haa ta'u. Ameen."<sup>7</sup> Kunoo ilaala; duumessaa wajjin dhufuua jira; tokko tokkoon ijaa isaa arguuf jira. Warri isaa waraananiis isaa arguuf jiru. Sababa isatiif gosoorni (sanyiin) namaa lafa irraa jiraatu hundumtuu ni gaddu.<sup>8</sup> "Ani isaa duraati; ani isaa boodaatisi," akkasumas "inni jiru, inni ture, inni dhufuuf jiru, inni hundumaa danda'u," jedha Waaqayyo Gooftaan.<sup>9</sup> Ani obboleessi keessan Yohaannis, sagalee Waaqayyoo isaa Yasuus dhugaa ba'e isiniif qooduuf edheen, rakkina, mootummaa fi obsa Yasuusiitiin, biyya bishaan keessatti argamtuufi Phaaximoos jedhamtu tokko keessan ture.<sup>10</sup> Gaafa Guyyaa Gooftaa sana ani Afuuraan guutameen ture. Duuba kootii sagalee guddaa, sagalee xurumbaa (faaggaa fakkaatu, tokkon dhaga'e).<sup>11</sup> Sagaleen sunis, "Waan argaa jirtu kana Kitaaba keessatti barreessi. Isas gara waldoota kiristaanaa toorban – Efesoon, Simiirnaa, Phergamoom, Tiyaatiraa, Saardiis, Filaadelfiyyaa, fi Laa'odisaa – iti ergi" naan jedhe.<sup>12</sup> Sagalee eenyyuutu akka natti dubbachaa jiru ilaaluudhaaf duuba kootti yeroon garagalu, baattuu ibsaa warqee irraa hojjetamee toorba nan arge.<sup>13</sup> Ilma namaa kan fakkaatu tokko immoo baatuwwan ibsaa sana gidduu, uffata dheeraa milla bira ga'u uffatee, fooxaa warqees qomoo isatti naannesee hidhatee, ture.<sup>14</sup> Mataa fi rifeensi mataa isaa akka suufi yookiin immoo akka cabbii addaata ture; iiji isaa immoo akka barbadaa ibiddaa ti ture.<sup>15</sup> Miilli isaa akka sibiila diimaa isaa ramaca ibiddaa keessatti finiinee cululuqsamee hojjetamee ti; sagaleen isas akka sagalee bishaanii walitti baay'atee huursaa figuu ti.<sup>16</sup> Harka mirgaa isatti urjii toorba qabatee ture; haaduun qara karaa lamaa afaan isaa keessaa gadi ba'aa ture. Fuulli isas akka biiftuu saafaa ifa ture.<sup>17</sup> Yeroon isaa arges, akka nama du'eettin milla isaa jalatti kufe. Inni immoo harka mirgaa isaa ana irra kaa'ee, "Hin sodaatin. Inni duraa, inni booddees ana dha"<sup>18</sup> "Inni jiraatus ana dha. Kunoo ilaali. Ani du'een ture; amma garuu, kunoo ilaali; hamma bara baraatti bara baraan nan jiraa dha! Furtuuwwan balbala du'aa fi mootummaa warra bara baraaf du'ani (mana seexana) of harkaa qaba."<sup>19</sup> "Kanaafuu, waanta argitee turtes, waanta amma ta'uutti jiruu fi waanta kana booda ta'uuf jirus barreessi."<sup>20</sup> "Hiikaa urjoota toorba harka mirgaa koo keessatti argitee turtee fi hiikaa baattuuwwan ibsaa toorba warqee irraa hojjetaman dhoksamee ture ilaachisee, hiikaan isaanis: Urjoonni toorban, ergamoota waldoota kiristaanaa toorbaa ti; baattuuwwan ibsaa toorban immoo, waldoota kiristaanaa toorban sanatti" naan jedhe.

## Chapter 2

<sup>1</sup>“Gara ergamaa waldaa kiristaanaa Efesoonitti, ‘Ergaaleen kuni kan isa harka mirgaa isaatti urjoota toorba qabatee turee fi isa baattuu ibsaa toorba gidduutti mul’atee turee ti’ jedhii ti barreessi.”<sup>2</sup>“Hojiwwan kee, dadhabii kee cimaa fi obsaan danda’uu kee nan beeka; akkasumas, namoota warra hamaa ta’aniif immoo akka ati obsa isaaniif hin qabnee fi warra nuti ergamoota dha ofin jedhaniin qoruudhaan sobduu ta’uu isaanii akka argites nan beeka.”<sup>3</sup>“Dadhabe otoo hin jedhiin, maqaa kootiif jettee, akka ati obsaan dandeessee jirtus nan beeka.”<sup>4</sup>“Jaalala kee isa yeroo jalqabaa sana dhiisuu (gadi gatuu) kee garuu sIRRATTI argeera”.<sup>5</sup>“Eessatti akka gatte yaadadhu. Dhiifama gaafadhuu tii, waantota jalqaba hojjettu ture sana hojjedhu. Dhiifama gaafachuu yoo dhiifte garuu, ani gara kee dhufeteen, baattuu ibsaa kee iddoa isaatii kaasa.”<sup>6</sup>“Kana garuu qabda: Hojiwwan warra Niqolaatiyaaakkuma anijibbu, atis ni jibbita.”<sup>7</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u. Isa mo’uuf, muka jireenyaa isa jannata Waaqayyoo keessa jiru sana akka nyaatuuf mirga isaa isaafin kenna.”<sup>8</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Simiirnaa keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi:”‘Ergaan kun kan dhufe isa jalqabaa fi isa dhumaa; isa du’ee fi isa deebi’ees jiraate biraati jedhii.’<sup>9</sup>“Rakkinaa fi hiyyuma kee nan beeka; garuu immoo ati sooreessa dha. Warra sobanii nuti Yihudoota offin jedhanii si arrabsan sanaas nan beeka; isaan garuu Yihudoota miti. Isaan walga’ii Seexanaa ti.”<sup>10</sup>“Dhiphina (Rakkoo) isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin. Kana hubadhu! Seexanni isin qoruuf jecha, muraasa keessan mana hidhaatti isin galchuufi dha; guyyaa kudhaniifis ni rakkattu. Hamma du’aatti amanamaa ta’aa; ani immoo gonfoo (baarneexaa) jirenyaa nan isinii kenna.”<sup>11</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u. Isaan mo’anis, du’isa lammaffaadhaan hin miidhamani.”<sup>12</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Phergamoon keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi:”‘Ergaan kun kan dhufe isa haaduu qara-lamaa qabu sana biraati jedhi.’<sup>13</sup>“Idnoon ati jiraattu bakka Seexanni mo’ee bulchu (abboomu) akka ta’ee nan beeka. Ati garuu hamma ammaatti maqaa koo jabeessitee qabattee jirta. Bakka Seexanni jiraatu sanatti, bara dhugaa ba’aa koo fi amanamaa koo kan ture, Antiiphaas, isin gidduutii ajjeefame sana iyuu, akka ati anatti amanuu kee hin ganne, nan beeka.”<sup>14</sup>“Waan muraasa ta’ee garuu sIRRATTI argeera: namoota tokko tokko warra barsiisa Bala’amii qabatanii jiran achitti of biraq qabda. Namooni kuni, ijoollee Israa’el fulduratti gufuu darbachuudhaan akka isaan nyaata waaqayyoliif (idols) kennamuuf qophaa’e nyaatanii fi akka isaan sagaagalanan gochuudhaaf, warra Balaaq barsiisani dha.”<sup>15</sup>“Haaluma wal fakkaatuun, namoota tokko tokko warra barsiisa warra Niqolaatiyaa qabatanii jiranis achitti of biraq qabda.”<sup>16</sup>“Kanaafuu, dhiifama gaafadhu! Yoo gochuu dhiifte garuu, ani dafeen sitti dhufa; haaduu afaan koo keessa jiru sanaatiinis, namoota sana irratti waraana nan bana.”<sup>17</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u. Isa mo’uuf, qibaa qiddusii (manna) dhoqsaa jiru sana keessaa nan kennaafi; dhagaa adii, maqaa haaraan irratti barreessame, tokkos nan kennaafi; maqichas, nama isa fudhatu irraa kan hafe, namni biraan tokko illee hin beeku.”<sup>18</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Tiyaatiraa keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi:”‘Ergaan kun kan dhufe, Ilma Waaqayyoo, isa ija akka barbadaa ibiddaa qabuu fi isa miilli isaa isa sibiila diimaa (bronze) cululuqsamee hojjetame fakkaatu sana biraati jedhi.’<sup>19</sup>“Ani hojiwwan kee, jaalala fi amantii kee, tajaajila kee fi obsaan danda’uu kee nan beeka. Waanti ati booda kana hojjette, isa dura hojjechaa turte akka caalus nan beeka.”<sup>20</sup>“Garuu immoo, kana sIRRATTI argeera: Dubartii Izaabeel jedhamtu, ‘Ani haadha raajiiti’ ofin jettu, sana obsiteetta. Isheen barsiisa isheettiin akka hojjetoonni koo sagaagalananii fi nyaata waaqayyoliif (idols) kennamuuf qophaa’e nyaatanii isaan gowwoomsiti.”<sup>21</sup>“Hojii isheetti akka gaabbiitu, yeroo isheefii kenneetan ture; isheen garuu, balleessaa isheetti gaabbuudhaaf fedhii hin qabdu.”<sup>22</sup>“Kunoo ilaali! Akka isheen dhukkubsattee siree irra ciiftu nan godha; warra ishee wajjin ejjanis gaabbanii hojii ishee irraa deebi’uu yoo baatan, rakkina guddaa keessan isaan nan buusa.”<sup>23</sup>“Ijoollee ishees nan ajjeesa; kanaanis, walfoonni kiristaanaa hundumtuu, inni waanta laphee namaa fi garaa namaa keessa jiru hurgufee ilaalu suni ana ta’uu isaa ni baru. Anis tokko tokko keessaniif akka hojiwwan keessaniitti nan isiniif kenna.”<sup>24</sup>“Garuu, Tiyaatiraa keessatti warra haftan fi warra barsiisa kana qabachuu dhisani, isa warri kaan, ‘waantota Seexanaa isa gadi fagoo’ jedhanis hin beebneet immoo, akkas nan jedha: ‘ba’aa kan biraq isin irra hin kaa’u’.”<sup>25</sup>“Waan hundumaaf iyuu garuu, hamma ani dhufutti, waan harkaa qabdan jabeessitanii qabachuu qabdu.”<sup>26</sup>“Isa mo’uu fi isa hojii koo hamma dhumaatti hojjetuuf, aangoo inni saba baay’ee irratti qabu nan isaaaf kenna.”<sup>27</sup>“Ulee sibiilaatiinis isaan bulcha (bita); akka qodaa suphees isaan cacabsa.”<sup>28</sup>“Akkuma anijibbu, abbaa koo biraq fudhadheetiinis, nama sanaaf bakkalcha barii nan kenna.”<sup>29</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u.”

## Chapter 3

<sup>1</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Sardees keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi.” ‘Ergaan kun kan dhufe isa afuura Waaqayyoo toorbaa fi urjii toorba qabatu sana biraati jedhi.’ “Ani hojiwwan kee nan beeka. Maqaadhaaf lubbuu qaba jedhamta malee, ati du’aa dha,”<sup>2</sup>“Hojiwwan kee fuula Waaqayyoo koo duratti guutuu ta’uu isaa sababa ani hin argineef, dammaqii ka’itii warra hafan illee akka isaan hin duuneef jajjabeessi.”<sup>3</sup> “Kanaafuu, wanta fudhattee fi waanta dhageesse yaadadhu. Isaafis abboommami. Hojiwwan keettis gaabbi. Dammaqxee ka’uu yoo baatte garuu, ani hattuu fakkaadheen sitti dhufa; sa’atii kamitti akkan sitti dhufus hin beektu.”<sup>4</sup>“Haa ta’u iyyuu malee garuu, Saardes keessa namootni muraasa, uffata isaanii hin xureessine, jiru; waan isaaniif maluuf, isaan uffata adii uffatanii ana wajjin ni deemu.”<sup>5</sup> “Inni mo’u uffata adiitu itti uffifama; anis maqaa isaa Kitaaba Jireenyaa keessaa hin haqu; Abbaa koo fi ergamtoota fuuldurattiis maqaa isaa waameetan isaaaf dhugaa nan ba’aa.”<sup>6</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u.”<sup>7</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Filaadelfiyyaa keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi.” ‘Ergaan kun kan dhufe isa qulqulluu fi isa dhugaa ta’e; isa furtuu Daawwiit qabatee jiru; isa kan inni saaquo (banu), eenyumtuu cufuu hin dandeenye; isa inni cufes, eenyumtuu saaquo hin dandeenye; biraati jedhi.”<sup>8</sup>“Ani hojiwwan kee nan beeka. Kunoo ilaali; ani fuuldura kee balbala banaa, isa eenyumtuu cufuu hin dandeenyee, siif kaa’een jira. Akka humni kee laafa ta’e nan beeka; garuu immoo, dubbii koo eegdeetta; maqaa koos hin kaadne.”<sup>9</sup>“Kunoo ilaali! Warra walga’ii Seexanaa ta’ani fi warra Yihudoota utuu hin ta’in sobanii Yihudoota ofiin jedhan sana akka dhufanii miilla kee jalatti kufani nan godha; akka ani siitiin jaaladhus ni baru.”<sup>10</sup>“Sababa ati waan ani si ajaje obsaan dandessee eegdeef, ani immoo sa’atii qormaataa isa guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufu sana jalaa akka ati baatuu nan si eega.”<sup>11</sup>“Anuu as dhihootti nan dhufa; akka namni tokko iyyuu gonfoo mo’ichaa (crown) kee sirraatti hin fudhannef, isa qabdu jabeessiitii eeggadhu.”<sup>12</sup>“Isa mo’uuf, anuu mana sagadaa Waaqayyo koo keessatti utubaa nan isaaifi dhaaba. Lammaffaas achi keessaa hin baafamu. Anis maqaa Waaqayyoo koo, maqaa magaala Waaqayyoo koo (Yerusaalem ishee haaraa, ishee Waaqayyo koo biraa waqa keessaa gadi buutu) fi maqaa koo isa haaraa isa irratti nan barreessa.”<sup>13</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u.”<sup>14</sup>“Ergamaa isa waldaa kiristaanaa Laa’odiiqeyaa keessa jiruutiif, akkas jedhii barreessi.” ‘Ergaan kun kan dhufe isa “Ameen” jedhamu, isa amananmuu, isa dhugaa ba’uu fi isa uumama Waaqayyoo irraatti abbooma (bulchaa) ta’e biraati jedhi.”<sup>15</sup>“Ani hojiwwan kee nan beeka; akka ati yookiin qorraa yookiin immoo hoo’aa hin taanes nan beeka. Ani hawwiin koo otoo ati yookiin qorraa yookiin immoo hoo’aa taateeti ture.”<sup>16</sup>“Kanaafuu, sababa ati rammoor garaa (lukewarm) taateef – hoo’as qorraas kan hin taane – afaan koo keessa gadi si tufufan jedha.”<sup>17</sup>“Atis ‘Ani sooreessa dha; qabeenya baay’ees waan ani qabuuf, waata tokko iyyuu hin barbaadu’ jetta. Garuu, ati akka nama hundumaa ol rakkataa, gaddisiisa, hiyyeessa, jaamaa, fi qullaa ta’uu kee hin beektu.”<sup>18</sup>“Gorsa koo dhaggeeffadhu: akka sooromtuuf warqee ibiddaan qulqulleessame, akka dhaqna qullummaakee isa siqaanessu dhoqsattuuf uffata adii bareedaa fi akka arguu danddessuf qoricha ijaa ija keetti dibattu ana irraa bitadhu.”<sup>19</sup>“Ani naman jaaladhu eenyuma iyyuu itti nan ori’a, nan abboomas. Kanaafuu, atis dhimmi; hojiwwan keettis gaabbi.”<sup>20</sup>“Kunoo ilaali; ani balbala bira dhaabbadheen jira; balbalas rukutaan jira. Namni sagalee koo dhaga’ee balala anaaf banu yoo jiraate, ani mana isaatti ol nan seena; isa wajjin ta’ees maaddiitti nan dhi’aadha; innis ana wajjin ni nyaata.”<sup>21</sup>“Nama isa mo’uuf, ana waliin tessoo (barcuma) koo irra akka taa’uu mirga isaaifi nan kenna; akkuma anis mo’ee Abbaa koo wajjin barcuma isaa irra taa’ee ture sanaatti jechuu koo ti.”<sup>22</sup>“Namni gurra qabu waanta Afuurri Qulqulluu waldoota kiristaanaatiin jechaa jiru mee haa dhaga’u.”

## Chapter 4

<sup>1</sup> Waantota kana booddees, nan ilaale; waaqa keessatti balbala banamaa tokkos nan arge. Sagaleen inni ani duraan dhaga'ee ture suni, akka sagalee faaggaatti (trumpet) dubbachaa, "As ol koottu; waantoota kana booda, waanta raawwachuu qabu ani nan sitti argisiisa," naan jedhe.<sup>2</sup> Battaluma sanatti, ani Afuura Qulqulluutiin nan guutame; achumaanis, barcuma waaqa keessa kaa'amee jiru tokko irra nama taa'ee jiru tokko nan arge.<sup>3</sup> Inni barcuma sana irra taa'ee jiru sunis albuudota jaasper (jasper) fi karneeliyaan (carnelian) jedhaman fakkata. [Albuudonni kuni garmalee bareedu; gatiin isaanii baay'ee qaala'aa dha; baay'ee waan calaqqisaniif, bareedina midhagsuuf oolu]. Barcumichis Sabbata Waaqayyootiin marsamee ture. Sabbatni Waaqayyoo sunis yeroo ilaalani albuuda bareedaa eemeraalaad (emerald) fakkata ture.<sup>4</sup> Barcumoonni digdamii afur barcumichatti naanna'anii jiru ture; barcumoota kana irras manguddonni digdamii afur, uffata adii uffatanii, akkasumas gonfoo (kooffiyyaa) warqee mataatti keewwataniii, taa'anii turani.<sup>5</sup> Barcumica biraatii bakakkaan balaqqeessu, sagaleen guguungumu fi sagaleen qaqwweessu ni dhufa ture; fuul dura barcumichaati immoo ibsaa afuurota Waaqayyoo toorban kan ta'an ibsaan toorba boba'aa jiru ture.<sup>6</sup> Burcuqoon galaanaa kan birillee (miccirraa) fakkatus fuul dura barcumicha jira ture. Gidduu fi naannoo barcumichaas, fuulli isaanii fi dugdi isaanii kan ijaan guutame, uumamni lubbuu qaban afur jiru turani.<sup>7</sup> Uumamni inni duraa leenca fakkata ture; inni lammaffaa jabbii fakkata ture; uumamni inni sadaffaan immoo fuula nama fakkatu qaba ture; inni afuraffaa joobira isa balali'u fakkata ture.<sup>8</sup> Tokkon tokkon uumamtoota lubbuu qaban arfan sunis, kaattuu, keessaa fi duubaan ijaan guutame, ja'a ja'a qabu ture. Halkanii fi guyyaas, otoo addan hin kutiin: "Qulqulluu, qulqulluu qulqulluu dha Waaqayyo Gooftaan inni hundumaa danda'u, inni ture, inni amma jiru, inni dhufuuf jirus," jedhanii faarfatu.<sup>9</sup> Yeroo uumamttooni lubbuu qaban kun isa barcumicha irra taa'ee jiru sanaaf guddina, ulfinaa fi galata dhiheessanitti, isa bara baraan jiraatu sanaaf in dhi'eessu.<sup>10</sup> Yeroo manguddoornni digdamii arfan, isa barcumicha irra taa'ee jiru fuul duratti kufanii isa bara baraan jiraatuuf sagadani, gonfoowwan isaanii barcumicha fuul dura kaa'uudhaan akka jedhanii:<sup>11</sup> "Siif ta'uun ni mala, yaa Gooftaa keenyaa, yaa Waaqayyoo keenyaa, Guddina, ulfinaa fi humna fudhachuu kee, Waan hundumaa kan uumte waan taateef, Kan jiraatanis, kan uumamanis akka fedhii keetti dha," faarfatu.

## Chapter 5

<sup>1</sup> Sana booddees, waraqaa, kan kessaa fi duubaan iratti barreeffamee fi chaapaa toorbaan saamsamee, walitti marame tokkon harka mirgaa isa barcuma irra taa'ee jiru sana keessatti nan arge. <sup>2</sup>Ergamaa cimaan tokko sagalee isaa ol guddisee, "Waraqaa maramee jiruu kana banuu fi saamsaa isaas kutee saaquudhaaf namni isaaf malu eenyu dha?" Mallattoo macaafichi ittiin cufame irraa kutee macaaficha banuudhaaf kan male eenyu?" jedhee yeroo inni labsu nan arge.<sup>3</sup> Kan waaqa keessaa, lafa irraa, yookiin immoo lafa jala jiraatu tokko illee waraqaa maramee jiru kana banuu yookiin dubbisuu hin dandeenye ture.<sup>4</sup>Sababa namni waraqaa maramee jiru kana banuu yookiin dubbisuu danda'u dhibe irraa kan ka'e, ani baay'een boo'e.<sup>5</sup>Maanguddoota sana keessaa inni tokko garuu, "Hin boo'in! Kunoo ilaali! Leencichi inni gosa Yihudaa, inni Hidda Daawwit ta'e mo'eera. Inni isa marame banuu fi saamsaa isaas saaqqu ni danda'a," naan jedhe.<sup>6</sup> Bakka barcumichaatti, uumamatoota lubbuu qaban arfanii fi manguddoota gidduutti Hoola dhaabbatee jiru tokkon nan arge. Hoolichis waan qalame fakkaata. Hoolichi gaanfa toorbaa fi ija toorba qaba ture; kunneenis, afuurota Waaqayyoo toorban guutummaa biyya lafaatti ergamanii turani dha.<sup>7</sup>Hoolichi isa barcuma irra taa'ee jiru bira deemuudhaan harka mirgaa isaa keessaa waraqaa maramee jiru sana fudhate,<sup>8</sup> Yeroo inni waraqaa maramee jiru fudhatee turettis, uumamttoonni lubbuu qaban arfan fi manguddootni digdamii arfan sun Hoolicha fuul duratti kufani. Tokko tokkoon isaaniis, kadhata saba Waaqayyoof qulqullaa'aniif warra fayyadan baganaa (harp) fi meeshaaixaana itti aarsan, isa warqee irraa hojjetamee,ixaanaan guutanii harkkatti qabatanii ture.<sup>9</sup> Isaanis faarfanna haaraa faarfatani: "Ati isa maramee jiru fudhachuun siif mala; Saamsaa isaas hikuun siif mala. Ati gora'amtetta; dhiiga keetiinis, saba Waaqayyoo bitatteetta. Gosa, afaan, ummataa fi biyya hunda irraa bitatteetta."<sup>10</sup>"Waaqayyoo keenyaa akka tajaajilaniifs mootummaas, lubootas isaan goote; Isaanis biyya lafaa bituuf aangoo ni qabu," jechuudhaanis ni faarfatani.<sup>11</sup>Kana booddees, ergamoota baay'ee barcumichaatti, uumamatoota lubbuu qabanittii fi, manguddoota sanattis naanna'an nan arge; sagalee isaanis dhaga'een ture. Baay'inni lakkofsa isaanis kumaatama kudhanii, kumaatama kudhanii fi kumaatama kumaatamaa ture.<sup>12</sup>Sagalee ol guddaa tiinis akkas jedhanii ture: "Hoolichi inni qalame aangoo, badhaadhummaa, ogummaa, humna, ulfina, guddina, hooqubaa fudhachuuf isa isaaf malu dha."<sup>13</sup> Wanti waaqa irratti, lafa irratti, lafa jalatti, fi galaana keessatti uumamee, isaan keessa jirus hundinuu, "Hooqubaan, ulfinni, guddinni, aangoon, isa teessoo irra taa'ee jiru sanaaf, hoolichaafis baraa hamma bara baraatti haa ta'u!" jechuu isaanii, nan dhaga'e.<sup>14</sup>Uumamattonni lubbuu qaban arfanis, "Ameen!" jedhani; manguddoonnis lafatti kufudhaan sagadani.

## Chapter 6

<sup>1</sup>Yeroo Hoolichi chaapaan saamsaman warra toorbaa keessaa isa tokko saaqee turetti, uumamtoota lubbuu qaban arfan keessaa inni tokko sagalee akka qaqqawweetiin, "Koottu!" yeroo inni jedhu ilaalaan ture. <sup>2</sup>Farda adii tokkos nan arge. Inni fardicha yaabbatee jiru iddaa harkatti qabatee ture; gonfoon immoo isaaf kennname. Inni mo'aa dha; ammas mo'uudhaaf ba'ee dhufe. <sup>3</sup>Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsamee isa lammaffaa saaqee turetti, uumamtoota lubbuu qaban arfan keessaa inni lammaffaa "Koottu!" yeroo inni jedhu nan dhaga'e. <sup>4</sup>Sana boodas, fardi biraa inni akka ibiddaa diimatu tokko gadi ba'e. Isa fardicha yaabbatee jiruu fis nagaa biyya lafaa irraa akka inni balleessuu fi namoonnis akka wal gorra'an eeyyamni kennnameefii ture. Isa fara yaabbatee jiruu kanaaf haaduun baay'ee guddaa ta'es isaaf kennname. <sup>5</sup>Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsamee isa sadaffaa saaqee turetti uumamtoota lubbuu qaban arfan keessaa inni sadaffaa "Koottu!" yeroo inni jedhu nan dhaga'e. Anis farda gurraacha tokkoo fi inni fardicha yaabbatee jiru immoo madaalii harka issaati qabate argeen ture. <sup>6</sup>Sagalee, uumamtoota lubbuu qaban arfan gidduudhaa inni tokko kan dubbate kan fakkaatu, "Qamadii safartuu xinnoo tokko, gatii dadhabbi guyyaa tokkoo, garbuu safartuu xinnoo sadiis gatii dadhabbi guyyaa tokkoo godhi. Zaytichaa fi waynicha garuu hin miidhin" jedhu dhaga'en ture.. <sup>7</sup>Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsamee isa afuraffaa saaqee turetti uumamtoota lubbuu qaban arfan keessaa inni afuraffaa, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. <sup>8</sup>Itti aanees, farda daalacha (pale) tokko nan arge. Maqaan isa fardicha yaabbatee jiru immoo Du'a jedhama; Si'ool (mana mootummaa warra bara baraaf du'anii) duuba isaa jira ture. Isaanis, nuusa (ruubii) biyya lafaa kana haaduudhaan, beelaa fi dhukubaan, yookiin immoo bineensota caakkaatiin akka ajjeesaniif aangoon isaaniif kennnamee ture. <sup>9</sup>Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsamee isa shanaffa saaqee turetti, ani immoo lubbuuwan warra sagalee Waaqayyoof jedhanii, akkasumas sababa waanta dhugaa ba'an eeganii turaniif jedhamamee qalamanii turan bakka sagadaa jalatti nan arge. <sup>10</sup>Isaanis, sagalee isaanii ol guddisuudhaan, "Ati Inni Mo'aa, Qulqulluu fi Dhugaa taate! Warra biyya lafaa irra jiraatan irratti akka firdii kee lattee gumaa dhiiga keenyaa unuuf baastuuf, hanga yoomiitti tura?" jedhanii iyyaa turani. <sup>11</sup>Itti aanees, uffatni adiin tokko tokkoo isaaniif kennname; hanga hojjetoonni akka isaani fi obbolootni isaanii, warri akkuma isaanii ajjeesamuuf jedhani, hundumtuu ajjeesamanii dhumaniitti yeroo muraasaaf akka eeganis isaanitti himamee ture. <sup>12</sup> Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsamee isa ja'affaa saaqee turetti, socho'a lafaa guddaa ta'e ilaaleen ture. Biiftunis akka uffata gaddaatti gurraacha taate; ji'in isheen guutuu taatee baate immoo akka dhiigaatti diimattee turtte. <sup>13</sup> Akkuma qilleensi cimaa ta'e muka harbuu yeroo raasu sanyii isaa isa hin bilchaanne harcaasuutti, urjoonis waqa keessaa lafatti gadi harca'anii ture. <sup>14</sup>Waaqnis (samiinis) akka waraqaa walitti maramee jiruutti ni bade (bakka jiruu bade). Tokko tokkon tulluu fi lafi bishaan keessaa bakka jirani irraa butamanii ture. <sup>15</sup> Sana booddees, mootonni biyya lafaas, namoonni beekamoo ta'anis, ajajjooni waraanaas, namoonni sooreyyiinis, humna qabeeyyonnis fi warri hafanis, inni garbichaa ta'es, inni bilsa ta'es hundumtuu boolla keessa fi kattaa tulluu gidduu jiru keessa dhokatanii ture. <sup>16</sup>Tulluuwanii fi kattaawwan sanaatiinis akkas jedhani: "Nu irratti jigaa! Fuula isa barcuma irra taa'ee jiru duraatiis, dheekkamsa Hoolicha jalaatiis nu dhoksaal!" <sup>17</sup>"Guyyaa cimaan dheekkamsa isaanii dhufeera. Egaa eenyutu danda'ee dura dhaabbata?" jedhani.

## Chapter 7

<sup>1</sup> Kana booda immoo, ergamoonni afur golee (corners) lafaa arfan irra dhaabbachuudhaan, akka qilleensi lafattis, galaanattis, mukattis hin qilleensineef jedhanii, qilleensota golee arfanii jabeessanii ittisu Isaanii ani argeera.

<sup>2</sup>Ergamaan kan biraan immoo chaapaa (seal) Waaqayyoo isa jiraataa of harkatti qabatee karaa ba'a biiftuu irraa yeroo inni dhufaa jiru nan arge. Ergamichis, ergamoota arfan warra lafaa fi galaana miidhuuf eeyyamni kennameefii turan sanaatiin, sagalee isaa ol fudhatee akkas jedhee isaanitti iyye.<sup>3</sup>"Hanga nuti adda hojjetoota Waaqayyo keenyaa irratti chaapaa goonutti lafas, galaanas, yookiin immoo mukas hin miidhinaa."<sup>4</sup> Lakkoofsa warra chaapaan godhameefi dhaga'eera; gosa ijoollee Israa'el hunduma keessaa 144,000 chaapaan godhameefira

<sup>5</sup>Gosa Yihudaa keessaa, nama kuma kudha lamaaf chaapaan godhameera; gosa Ruuben keessaas, nama kuma kudha lamaaf chaapaan godhameera; akkasumas, gosa Gaad keessaas, nama kuma kudha lamaaf chaapaan godhameera;<sup>6</sup>Gosa Asheer keessaa kumni kudha lama, gosa Niftaalem keessaa kumni kudha lama, gosa Minaasee keessaa kumni kudha lama;<sup>7</sup>Gosa Simi'oон keessaa kumni kudha lama, gosa Lewwii keessaa kumni kudha lama, gosa Yisaakor keessaa kumni kudha lama;<sup>8</sup>Gosa Zebuloon keessaa kumni kudha lama, gosa Yoseef keessaa kumni kudha lama, gosa Beniyaamin keessaa kumni kudha lama mallattoon chaapaa godhameefira.<sup>9</sup>Waantota kanneen eergan ilaalee booda, kan namni kam iyyuu lakkaa'uun hin dandeenye, namoonni baay'ee hedduu ta'an biyya, gosa, uummata fi afaan dubbatamu hundumaa keessaa dhufan fuul dura barcumicha fi fuul dura Hoolichaa dhaabbachaa jiran argeera. Isaanis, uffata adii uffatanii, dameewwan muka meexxiis harkatti qabatanii ture;

<sup>10</sup>Sagalee isaanii ol fuudhachuudhanis, "Fayyinni Waaqayyo keenya isa barcumicha irra taa'ee jiru bira, Hoolicha biraas ni argama!" jechaa iyyaa turani.<sup>11</sup> Ergamoonni barcumichatti, manguddootatti akkasumas uumamatoota lubbuu qaban arfanitti naanna'anii dhaabbachaa turani hundumtuu barcumicha fuul duratti adda isaanii gombifamanii. Waaqayyoofis sagadani,<sup>12</sup>Akkasis jechaa: "Ameen! Hooqubaan, guddinni, ogummaan, galanni, ulfinni, humni, aangoonis bara baraatiif Waaqayyo keenyaaf haa ta'u! Ameen!"<sup>13</sup> Kana booddees, manguddoota keessaa inni tokko, "Warri uffata adii uffatanii jiran kun eenyu dha; eessaatiis dhufani?" jedhee na gaafate.<sup>14</sup>Anis, "Yaa gooftaa ko, situ beeka!" ittiin nan jedhe. Innis, "Isaan kun warra rakkina guddaa keessaa ba'anii dhufanii dha. Uffata isaaniis kan addeeffatani dhiiga Hoolichaatiin miiccataniitu dha"<sup>15</sup> "Barcuma Waaqayyoo fuul duratti kan isaan argamanis sababa kanaafi dha; Waaqayyootiiniis halkanii fi guyyaa mana sagadaa isaa keessatti isaaf sagadu. Inni barcuma irra taa'ee jirus, godoo (tent) isaa isaan irratti ni dirirsa."<sup>16</sup>"Isaanis, lammaffaa hin beela'ani; lammaffaas hin dheebotani. Aduus ta'e, waanti nama gubu kan biraas, isaan hin gubu."<sup>17</sup>"Hoolichi inni walakkaa barcumicha jirus isaaniin ni tiksa; gara burqaa bishaan jireenyattis isaaniin ni geessa; Waaqayyoos imimmaan isaanii kam iyyuu ija isaanii irraa ni haqa" naatiin jedhe.

## Chapter 8

<sup>1</sup> Yeroo Hoolichi isa chaapaan saamsame isa toorbaffaa banee ture immoo, waaqaa keessatti cal jedhamsi (silence) naannoo sa'aatti walakkaatiif ture. <sup>2</sup>Sana booddees, ergamoota toorban warra fuul dura Waaqayyoo dhaabbachaa jiraniif faaggawwan (xurumboota) toorba yeroo isaaniif kennamu nan arge.<sup>3</sup> Ergamaan kan biraan kan qodaa ixaana itti aarsan isa warqee irraa hojjetame baatee dhufeetu bakka aarsaa Waaqayyoo dhaabbachaa ture. Fuul dura barcumichaa kan jiru, iddo aarsaa ixaana Waaqayyoo, isa warqee irraa hojjetamee jiru, sana irratti ixaana kaa'ee akka uummanni Waaqayyoof qulqullaa'an hundumtuu kadhataniif, ixaanni baay'ee hedduu ta'e ergamichatti kennname.<sup>4</sup>Aarri ixaanichaas, kadhanna warra Waaqayyoof qulqullaa'anii wajjin ta'ee, harka ergamaa sanaa irraa ka'uudhaan gara fuul dura Waaqayyootti ol ka'e.

<sup>5</sup>Ergamichis qodaa ixaana itti aarsan sana fuudhuudhaan ibidda iddo aarsaa sanaa jiru itti guute. Sana boodas, ibiddicha lafatti gadi darbate; yeroo inni lafatti kufes, ni qaqqawweesse, ni guggummeesse, bakakkaan ni balaqqeesse, laftis socho'ee ture.<sup>6</sup>Ergamoonni toorban, warri xurumboota toorba of harkaa qabani, faaggawwan sana afuufuudhaaf ni qophaa'anii.<sup>7</sup>Ergamaan inni duraas xurumbaa isaa afuufe; cabbii fi ibiddi kan dhiigaan walmake ni mul'ate. Lafa irrattis gadi darbatame; kana irraa kan ka'eenis; tokko tokkoo lafaa, mukaa fi marga jiidhaa irraa, harka sadii keessaa harki tokkoon isaanii ni gubate.<sup>8</sup>Ergamaan inni lammaffaas xurumbaa isaa afuufe; waanti tulluu guddaa fakkaatu tokko ibiddaan gubachaa galaana keessatti darbatame. Harka sadii keessaa harki tokkoo galaanicha dhiiga ta'e;<sup>9</sup>Harka sadii keessaa harki tokkoo uumamtoota lubbuu qaban warri galaanicha keessa jiraatanis ni du'anii; markaboonnis, harka sadii keessaa harki tokko ni barbadaa'anii.

<sup>10</sup>Ergamaan inni sadaffaanis xurumbaa isaa afuufe; urjiji guddaan tokko akka gucaa boba'aa samii keessaa, harka sadii keessa harki tokkoo lagoota fi harka sadii keessa harki tokkoo burqqawwan bishaanii irratti kufe. <sup>11</sup>Maqaan urjiji sanaas Hadhooftuu jedhama. Harka sadii keessa harki tokkoo bishaanota sanaas hadhooftuu ta'anii; hadhaa'ummaa bishaanota kanaa irraa kan ka'eenis, namoota baay'eetu du'e.<sup>12</sup> Ergamaan inni afuraffaas xurumbaa isaa afuufe; harka sadii keessaa harki tokkoo biiftuu, harka sadii keessaa harki tokkoo ji'aa, akkasumas, harka sadii keessaa harki tokkoo urjiwwaniis ni rukutame; kana irraa kan ka'eenis, harka sadii keessaa harki tokkoon isaanii dukkana ta'e; harka sadii keessaa harki tokkoo guyyaa fi harka sadii keessaa harki tokkoo halkaniis ifa hin qabani ture.<sup>13</sup> Joobira bantii mataa koo irraan samii keessa balali'u tokkon arge; innis sagalee isaa ol fudhatee, "Ergamoonni sadan faaggawwan warra hafan yeroo afuufan sagalee dhowuuf jedhuuf, isin warra lafa irra jiraattaniif wayyoo, wayyoo, wayyoo!" jechaa iyuu isaaas nan dhaga'e.

## Chapter 9

<sup>1</sup> Sana boodas, ergamaan inni shanaffaa xurumbaa isaa afuuufe. Urjii waaqa keessaa lufatti kufe tokkos nan arge. Saaqxun ujjumboo qilee boollaa keessa ittiin bu'aniis urjichaaf kennname.<sup>2</sup> Urjichis ujjumboo qilee boollaa keessa ittiin bu'anii sana bane; arri inni aara warshaa guddaa keessaa ba'u fakkaatus boollicha keessaa ol ba'ee aare. Biiftuu fi qilleensis aarichaatiin ni dukkanaa'ani.<sup>3</sup> Hawwaannnisnis aaricha keessaa lafa irraatti ba'e; isaanis, humna (aangoo) akka humna ginxootaa (scorpions) ta'e lafa irratti akka qabaataniif isaaniif kennnamee.<sup>4</sup> Isaanis namoota warra chaapaa Waaqayyoo adda isaanii irratti hin qabne malee, marga lafa irra jiru, biqiltuu magariisa yookiinis immoo muka kam iyyuu miidhuu akka hin qabne isaanitti himame.<sup>5</sup> Namoota sanas ji'a shaniif akka gidiraa argisiisanifiif malee, ajjeesuuun isaaniif hin eeyyamamne. Dhiphinni (Miidhaan) isaan irraa ga'us akka ginxin yeroo nama iddeetti isaanitti dhaga'ama.<sup>6</sup> Guyyaawwan sanattis namoonni otoo du'anii barbaadu; du'a garuu hin argatani. Du'uuf baay'ee fedhu; duuni garuu isaan irraa baqata.<sup>7</sup> Hawwannistoonni sunis fardeen lolaa (waraanaaf) qophaan fakkaatu. Waanti gonfoo warqee fakkaatu mataa isaanii irraa qabu; fuulli isaanii immoo fuula namaa fakkaata.<sup>8</sup> Rifeensi isaanii rifeensa mataa dubartootaa fakkaata; ilkaan isaanii immoo akka ilkaan leencaa ti.<sup>9</sup> Laphee isaanii irratti waan akka diraa sibila jabaatu diratanii qabu; huursaan baallee isaaniis akka huursaa gaarii fardeeniin harkifamanii waraanatti didichaa jiranii ti.<sup>10</sup> Eegeewan akka ginxootaa nama iddan qabu; eegeewan isaaniis humna ji'a shaniif nama miidhu qabu.<sup>11</sup> Isaan mootii ofii isaaniis qabu; innis ergamaa boolla qilee sanaati. Maqaan isaas afaan Yihudootaattiin "Abadoon", afaan Giriikiitiin immoo "Apxoliyoona" jedhama.<sup>12</sup> Wayyoon inni duraa darbeera. Hubadhaa! Kana boodees, wayyoon lama amma iyyuu ni dhufa.<sup>13</sup> Ergamaan inni ja'affaan xurumbaa isaa afuuufe; anis sagalee gaanfaa kan bakka aarsaa isa warqee irraa hojjetamee fuul dura Waaqayyoo taa'ee jiru biraati dhufaa jiru nan dhaga';<sup>14</sup> Ergamaa isa ja'affaa xurumbaa baatee jiru sanaatiin, "Ergamotoo arfan warra Laga Efiraaxes isa guddichatti hidhamanii jiran hiiki!" jedhe.<sup>15</sup> Ergamooni arfan warri sanyii namaa harka sadii keessaa harka tokko ajjeesuudhaaf sa'atii sanaaf, guyyaa sanaaf, ji'a sanaaf, akkasumas wagga sanaaf qopheeffamanii turanis ni hiiikamani..<sup>16</sup> Lakkofni loloota farda yaabbatanii 200,000,000 akka ture ani dhaga'eera.<sup>17</sup> Akkaataan ani fardeen sanaa fi warra isaan yaabbatanii jiran sanas arges, akkasi: Biftiwan diranna namoonni suni laphee isaaii irratti diratanii turani diimaa, bifa waaqaa fi bifa keeloo ti. Mataan fardeen isaanii immoo mataa leencaa fakkaata ture; afaan isaanii keessaas ibiddi, arri fi ibidda qabsiistuu (dhagaan ibiddaa) ni ba'u ture.<sup>18</sup> Sababa dhaicha sadan kanaa, isaanis ibidda, aara fi ibidda qabsiistuu warra afaan fardeenii sana keessaa ba'anii, irraa kan ka'e namoota harka sadii keessaa harka tokkotu ajjeeffame.<sup>19</sup> Humni fardeen sanaas kan jiru afaani fi eegee isaanii keessa dha; eegeen isaanii bofa fakkaata; mataas ni qabu; isaanitiis namoota madeessu.<sup>20</sup> Namoonni dha'icha kanneeniin otoo hin ajjeefamin hafan garuu hojji iaaniitti hin gaabbine ture; hojjiwwan harki isaanii hojjetetti gaabbuudhaan irraa hin deebine; afuura hamaa fi waaqayyolii warqee, meetii, sibiila diimaa, dhagaa fi muka irraa hojjetamanii fi arguus, dhaga'uus, deemuus (socho'uus) hin dandeenyeef sagaduus hin dhiifne.<sup>21</sup> Isaan lubbuu baasuu (ajjeesuu), namatti moruu, sagaagaluu, fi hanna isaanitti gaabbaniis irraa hin deebine.

## Chapter 10

<sup>1</sup>Sana booda immoo ergamaan baay'ee nama sodaachisu tokko waqa keessaa otoo inni gadi bu'aa jiruu nan arge. Innis hurriitiin marfamee ture; mataa isaa olitti immoo sabbata Waaqayyootu ture. Fuulli isaa biiftuu fakkaata; miilli isaaas utubaa ibiddaa fakkaata. <sup>2</sup>Kitaaba xinnoo walitti maramtee jirtu tokko qabatee ture; isheenis harka isaa irratti banamte. Miilla isaa mirgaatiin galaana irra, miilla isaa bitaatiin immoo lafa irra ejjete;<sup>3</sup> Itti aansees, sagalee isaa ol fudhatee akka leencaa baroode. Yeroo inni iyee ture sanattis, qaqqawween toorban sunis sagalee isaaniitiin dubbatanii ture.<sup>4</sup>Yeroo isaan dubbatan sana, ani immoo waan isaan jedhani barreessuuf jedheen ture; garuu sagalee waqa keessaa, "Wanta qaqqawween toorban dubbatan garaa keetti qabadhuu dhoksii malee; hin barreessiin!" natiin jedhun dhaga'e.<sup>5</sup> Achiin boodas, ergamichi inni galaanaa fi lafa irra ejjetee yeroo dhaabbachaa jiru ani argee suni, harka mirgaa isaa gara waqaatti ol qabe. <sup>6</sup>Innis maqaa isa bara baraatiif jiraatu, isa waqaqa fi wanta isa keessa jiraatus uume, isa lafaa fi wanta isa irra jiraatus uume, isa galaanaa fi wanta isa keessa jiraatus uume sanaatiin eerga kakatee booda, "Kana caalaa lafa irra harkisuun hin jiru."<sup>7</sup>Gaafa guyyaa ergamaan inni torbaffaan xurumbaa isaa afuufuuf jedhutti garuu, raajiin Waaqayyoo, haaluma inni hojjetootaa fi raajota isaattiif waa'ee oduu gammaachuu kanaa ibsee ture sanatti, ni raawwata" jedhe.<sup>8</sup> Sagaleen inni ani waqa keessaa duraan dhaga'e ture suni, ammas deebisee anatti dubbate, "Dhaqiitii kitaaba banamaa harka ergamaa isa galaana fi lafa irra dhaabbatu sana keessa fudhadhu" naan jedhe.<sup>9</sup>Anis gara ergamichaa deemeen, akka inni kitaaba xinnoo sana anaaf kenu isa gaafadhe. Innis, "Kitaabicha fudhadhuuti nyaadhu. Garaa kee ni hadheessa; ataan kee keessatti garuu akka dammaa midhaaha" naatiin jedhe.<sup>10</sup> Anis kitaabicha ergamichaa harkaa fuudheen nyaadhe. Afaan koo keessattiakkuma dammaa midhaaha dha ture; eergan nyaadhee booda garuu, garaan koo hadhaahaa ta'e. <sup>11</sup>Sana boodas, namni wa'ii "Ati ammas raajii waa'ee namoota baay'ee, saba baay'ee, afaan baay'ee, mootota baay'ee dubbachuun si irra jira" naatiin jedhe.

## Chapter 11

<sup>1</sup> Ulee ittiin safaruuf kan nagargaaru, uleen shambaqqoo tokko anaaf kennname. anatti dubbatee, “Ka’itii mana sagadaa Waaqayyoo fi bakka aarsaa Isaa safari; namoota warra achi keessatti sagadanis lakkai” jedhamee natti himame<sup>2</sup> Akkasumas, “Goodaa dallaa mana sagadaa Waaqayyootti naanna’ee jiru sana garuu hin safariin; inni warra Waaqayyoon hin amanneef kennnameera. Isaanis ji’a afurtamii lamaaf qe’eettii qulqullooftu sana ni dhidhiitu.<sup>3</sup> Dhuga-baatonni koo lamaa uffata gaddaa uffatanii, guyyoota 1,260f raajii akka dubbataniif ani aangoo nan kennaaf” jedhee natti hime.<sup>4</sup> Dhuga-baatonni lameen kunis, muka ejersaa lamaa fi baattuu ibsaalamaan warra Goofticha biyya lafaa fuul dura dhaabatanii dha. <sup>5</sup>Eenu iyuu isaan midhuuf barbaada yoo ta’ee garuu, ibiddi afaan isaanii keessaa ba’ee diinota isaanii ni fixa. Isaaniin miidhuuf kan barbaadu eenu iyuu, haala kanaatiin ajjeesamuu qaba.<sup>6</sup> Dhuga-baatonni kuni guyyoota isaan raajii himan sana bokkaan akka hin roobneef samii cufuudhaaf aangoo ni qabu. Yeroo barbaadanittis, bishaan dhiigatti geddaruudhaaf, akkasumas, yeroo barbaadanitti dhukuba dha’icha kamiinuu biyya lafaa rukutuudhaaf aangoo ni qabu.<sup>7</sup> Dhugaa ba’uu isaanii yeroo isaan xumuranitti immoo, bineensichi inni boolla qilee sana keessa ol ba’u lola isaanitti kaasa. Isaan mo’udhaanis, isaan ajjeesa.<sup>8</sup> Reeffi isaaniis magaalicha isa guddicha (Magaalli sunis isa fakkeenyia afuuraatiin “Sodoom fi Misirii” jedhamee waamamu dha) iddo gooftaan isaanii duraan itti fannifamee ture keessaatti karaa irra ni ciisa.<sup>9</sup> Guyyoota sadii fi walakkaatiifis, saba, gosa, afaan fi biyya hundumaa keessaan kan dhufan nammoonni muraasni reeffa isaanii ni ilaalu. Isaanis akka isaan awwalaman hin eeyyamani.<sup>10</sup> Warri biyya lafaa irra jiraatanis kanatti gammadudhaan ni ayyaaneffatu. Kana irra darbee iyuu; kennas waliif ni kenu; sababni isaas raajonni lameen kuni warra biyya lafaa irra jiraatan gidiraa argisiisaa warra turan waan ta’efi dha..<sup>11</sup> Guyyoota sadii fi walakkaa booda garuu, afurri jirenyaa Waaqayyo biraahufetisaan keessa ni seena. Isaanis ka’anii ni dhaabatu. Warra isaan ilaalaajiranittis sodaan guddaan isaanitti ni dhufa.<sup>12</sup> Sana boodas, waaqa keessaan sagalee guddaan “Ol koottaa as!” jedhee yeroo isaanitti dubbatu ni dhaga’u. Achumaanis, diinonni isaanii bakka ilaalaajiranitti, isaanis duumessa keessa gara waaqaatti ol ni ba’u.<sup>13</sup> Sa’atii sanattis kirkirri lafaa guddatu ta’aa; harka kudhan keessaan harki tokkoo magaalichaas ni jijjiga. Kirkira lafaa kanaanis namoonni kuma toorba ni ajjeefamu; warra irraa hafanis sodaan isaan ni qaba; Waaqayyo isa waaqa keessa jiruufis ulfina ni kenu. <sup>14</sup> Wayyoon inni lammaffaa darbeera. Hubadhu! Wayyoon inni sadaffaas dafee dhufaa jira.<sup>15</sup> Itti aaness, ergamaan inni toorbaffaa xurumbaa isaa afuufe; sagaleewwan guguddaan. Waaqa keessaas sagaleen guddaan, “Mootummaan addunyaa biyya lafaa mootummaa Gooftaa keenyaa fi mootummaa Kiristoos ta’ee jira; Innis bara baraatifi mo’ee ni jiraata” jedhani dubbatani.<sup>16</sup> Sana booddees, mangguudoonni digdamii arfan, warri iddo Waaqayyoo jirutti barcuma isaanii irra taa’an, fuula isaaniitiin gadi gombifamanii Waaqayyoof sagadani.<sup>17</sup> Isaanis, “Ati Inni jirtu, Inni turtes, yaa Waaqayyo Gooftaa Guddaa, humna kee isa guddaa waan fudhatteef, waan mooteefis jecha, nuti galata siif dhi’eessina.<sup>18</sup> Warri sitti hin ammane baay’ee aaraniiru; dheekkamsi kee garuu dhuferra. Yeroon warri du’an firdii argatanis ga’eera; Yeroon hojjetooni kee warri raajotaa, Yeroon warri siif qulqullaan, yeroon warra maqaa kee sodaatanii fi yeroon warra xixinnaa fi warra, gurguddaa, Yeroon hunduu gatii isaanii itti argatan ga’eera. Yeroon warra biyya lafaa balleessaa jiran, Ati isaaniin balleeeessitus ga’eera” jedhani.<sup>19</sup> Achii boodas, manni sagadaa Waaqayyoo inni waaqa keessaan ni banamee; mana sagadaa Isaa keessaas saanduqni kakuu Isaa ni mul’ate. Battaluma sanattis, balaqqeessi bakakkaa, gugguumgumni, qaqqawweessi, kirkirri lafaa fi cabbii hamaa ni uumamani.

## Chapter 12

<sup>1</sup> Mallattoon guddaan tokko, waaqa keessatti mul'ate: dubartiin biiftuu uffattee, ji'a miilla ishee jala gootee, gonfoo urjiiwwan kudha lamaa qabu immoo mataa ishee irraa qabdu tokko ni mul'atte.<sup>2</sup> Isheenis ulfa turte; ciniinsunis itti cimee muccaa da'uudhaaf dhiphattree iyyaa turte.<sup>3</sup> Sana booddees, mallattoon biraa tokkos waaqa keessaa ni mul'ate. Ilaali! Jawwee diimaa guddaa kan mataawwan toorba, gaafota kudhani fi gonfoowwan toorba mataawwan isaa iraa qabu dha ture.<sup>4</sup> Eegeen isaa urjoota waaqa keessa jiran harka sadii keessaa harka tokko haxaa'ee lafatti gadi furguggise. Yeroo isheen deessu, mucaa ishee nyaachuudhaa jedhee, jawween sunis dubartii ishee da'uuf ciiniinsifattu fuul dura dhaabate.<sup>5</sup> Isheenis mucaa ilmaa deesse; mucaan kunis isa ulee sibiilaatiin saba biya lafaa hundumaa bituuf jedhu dha. Mucaan ishees gara Waaqayyootti, gara barcuma isaattis ishee irraa ol butame;<sup>6</sup> Dubartittiin ishee iddoottti isheen guyyoota 1,260f akka waldhaanamtuuf jedhee Waaqayyo isheef qopheessee turetti baqatte.<sup>7</sup> Achumaan lolli waaqa keessatti ka'e. Mikaa'elii fi ergamoonni isaa jawwee sana lolani; jawween sunii fi ergamoonni isaas deebisanii isaan lolani.<sup>8</sup> Jawween suni garuu humna ittiin mo'u hin qabu ture. Kana irraa kan ka'eenis, sana booda jawween sunii fi ergamoonni isaa waaqa keessatti iddo hin arganne.<sup>9</sup> Jawwee guddichi sunis, bofni bara durii, inni Diiyaabilos yookiin immoo Seexana jedhamu sunis, inni guutummaa biyya lafaa dogogorsiu sunis, lafatti gadi darbatamani; ergamoonni isaas isaa wajjin gadi darbatamani.<sup>10</sup> Achiin boodas, waaqa keessaa sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis, "Fayyinni fi humni, mootummaan kan Waaqayyo keenyaa, aangoon kan Kiristoos isaatii amma kunoo dhufaniru. Inni obboloota keenyaa yakku, Inni halkanii fi guyyaa Waaqayyo keenya fuul duratti isaan hadheessa ture gadi darbatameera."<sup>11</sup> Dhiiga Hoolichaatiin, akkasumas dubbii isaanii isa dhugaa ba'aniinis, obbolonni keenya isa mo'aniiru; du'a iyyuu yoo ta'e, isaan lubbuu isaanii hin mararsiifanne.<sup>12</sup> Kanaafuu, isin warri waaqaas, warri isaan keessa jiraattanis, gammadaa! Sababa seexanni gara keessanitti gadi bu'eef, lafaa fi galaanaaf garuu, wayyoo! Inni baay'ee aaree jira; yeroo muraasa (gabaabduu) qofaan akka isa hafes ni beeka!" jedhe.<sup>13</sup> Jawween suni gara lafaatti akka gadi darbatame yeroo beeketti, dubartittii ishee ilma deesse sana ari'uutti ka'e.<sup>14</sup> Dubartittiin ishee iddo fagoo isheetiif qophaa'ee jiru sanattii akka balaliituuf, kaattuun joobira guddaa lama isheef kennameera. Kunis iddo isheen jawwee sana jalaa dhokattee, bara tokkoof, barootaa fi bara walakkaatiif itti kunuunsifamtu dha.<sup>15</sup> Yeroo dubartittiin balali'aa turte sana ittis, jawwichi lolaan bishaanii akka ishee haree adeemuuf, bishaan isa akkuma laga yaa'u afaan isaa keessaa gadi dhangalaasee.<sup>16</sup> Lafti garuu dubartittii ni gargaare. Laftis, laga isa jawwichi afaan isaa keessaa baasee isheetti gadi dhangalaasaa ture sana, afaan isaa banuudhaan dhuge.<sup>17</sup> Sana booddees, jawween sun dubartittii sanatti baay'ee waan aareef, sanyii ishee warra kaanitti, lola banuudhaaf ka'ee gara isaan jiranitti sokke; isaanis warra abboommii Waaqayyoof ajajamanii fi warra isa Yasuus dhugaa ba'e qabatanii jirani dha.<sup>18</sup> Achiin boodas, jawwichi cirracha galaanaa qarqaraa irra dhaabate.

## Chapter 13

<sup>1</sup>Sana boodas, bineensa galaana keessaa ol ba'aa jiru tokko nan arge. Innis gaanfa kudhanii fi mataa toorba qaba; gaanfa isaa irrattis gonfoo kudhan qaba; tokko tokkoo mataa isaa irratti immoo maqaa ulfinaa Waaqayyoon arrabsuu qaba ture.<sup>2</sup>Bineensi ani arge kunis qeerransa fakkaata ture. Miilli isaa miilla amaaqetaa fakkaata; afaan isaa immoo afaan leencaa fakkaata. Bineensi kun akka abboomuufis, jawwichatu humna isaa, barcuma isaa fi aangoo isaa isa guddaa ni kenneefi.<sup>3</sup>Mataan bineensa kana inni tokko madaa isa ajjeesuu danda'u qaba ture; madaan isa ajjeesuu danda'u sun garuu ni fayye. Namoonni guutu biyya lafaas bineensicha duukaa bu'uudhaan isa dinqisiifatani.<sup>4</sup>Waan inni aangoo isaa bineensichaaf keenneefiifis jecha, namoonni suni jawwichaaf sagadani. "Eenyutu akka bineensa kanaa ta'a? Eenyutis bineensicha kana loluu danda'a?" jecha bineensichaafis ni sagadanii.<sup>5</sup>Bineensichaafis afaan jechoota of tuulummaa fi arrabsoowan ittiin dubbachuu danda'u kennameefi ture. Kana gochuudhaafis aangoon ji'a afurtamii lamaaf isaaaf kennname.<sup>6</sup>Kana irraa kan ka'eenis, bineensichi afaan isaa banuudhaan kan Waaqayyoon arrabsu, kan maqaa Waaqayyoo fi bakka buufata isaa arrabsu, akkasumas, kan warra waaqa keessa jiraatanis arrabsu dubbate..<sup>7</sup>Bineensichi warra Waaqayyoof qulqulla'anii irratti loloa akka banuu fi akka isaan mo'us eeyyama argateera. Akkasumas, gosa, namoota, afaanii fi saba hundumaa irrattis aangoon isaattiif kennameera.<sup>8</sup>Uumama biyya lafaatii jalqabee, warri maqaan isaanii Kitaaba Jireenyaa, isa kan Hoolicha qalamee (gorra'amee) ta'e, keessaatti hin barreessamne, warri lafa irra jiraatan hundumtuu bineensichaaf ni sagadu.<sup>9</sup>Eenyumtuu gurra qaba qaba yoo ta'e, mee haa dhaga'u!<sup>10</sup>Eenyumtuu booji'amuuf jira yoo ta'e, booji'amuun isaa hin oolu. Eenyumtuu haaduudhaan ajjeesamuuf jira yoo ta'e, haaduudhaan ajjeesamuun isaa hin oolu. Kana keessatti, warra Waaqayyoof qulqulla'anii irraa kan eegamu obsaa fi amantii dha.<sup>11</sup>Sana booddee immoo, bineensa lafa keessaa ol ba'a jiru kan bira tokko nan arge. Akkuma hoolaa gaanfa lama qaba; akka jawweetti immoo dubbatu ture.<sup>12</sup>Bineensi kunis aangoo bineensi inni tokkoffaa qabu ture hundumaa bakka inni duraa jirutti ni hojjeta; laftii fi warri isa irra jiraatanis bineensa isa tokkoffaaf, isa madaa isa ajjeesuu danda'u irraa fayyeef, akka sagadani godhe..<sup>13</sup>Inni raajiiwwan gurguddaa ta'anis ni raawwate. Ibidda iyyuu hojjechuudhaan fuul dura namootaatti waaqa keessaa lafatti gadi buuse.

<sup>14</sup>Mallattoowwan bineensa isa tokkofaa sana bakka bu'ee akka argisiisuuf aangoo isaaaf kennnamee sanaanis, warra lafa irra jiraatan gowwoomsaa (dogogorsaa) ture; kanas kan godhe, isaan fakkii bifaa bineensicha isaa haaduudhaan rukutamee ture, garuu immoo amma iyyuu jirachaa jiru, sanaa akka kaasan isaanitti himuudhaani dha ture.<sup>15</sup>Fakkii bifaa bineensichaattis afuuura itti baasee lubbuu akka itti uumuufis eeyyamni waan kennameefiif, akka fakkiin suni iyyuu dubbatuu fi warra sagaduuffi didani akka inni ajjeesu godhe.

<sup>16</sup>Dabalataanis, bineensichi namni kam iyyuu, xinnaanis guddaanis, sooressis hiyyeessis, inni bilisa ta'es, inni garba ta'es harka mirgaa irratti yookiin immoo adda irratti gubaa akka qabaatu ni dirqisiise.<sup>17</sup>Namni kam iyyuu, gubaa bineensicha, innis, lakkofsa maqaa isaa argisiisu, yoo of irraa qabaate malee, bituus gurguruus hin danda'u ture.<sup>18</sup>Kunis ogummaa gaafata. Eenyumtuu sammu qaba yoo ta'e, lakkofsa bineensicha lakkaa'ee bira haa ga'uu. Lakkofni kunis lakkofsa dhala namaa ti. Lakkofni isas 666 dha.

## Chapter 14

<sup>1</sup> Ani nan ilaalee; Hoolichi Tulluu Xiyoona irra dhaabates nan arge. Maqaan Isaa fi maqaan Abbaa Isaa adda isaanii irratti kan barreessamee jiru, namoonni 144,000 Isa wajjin turani.<sup>2</sup> Waaqa keessas sagalee akka bishaan walitti baay'atee huursuu fi sagalee akka qaqawwee guddaa guguungumu nan dhaga'e. Sagaleen anि dhaga'ee suni sagalee kiraara isa warri kiraara rukutan dhageessisanis ni fakkaata.<sup>3</sup> Isaanis faarfanna haaraa fuul dura barcumichaa, fuul dura uumamtoota lubbuu qaban arfanii fi fuul dura manguddootaa sanatti ni faarfatani. Faarfanna sanas namoota 144,000, warra biyya lafaa irraa furaman sana, irraa kan hafe, namni biraan tokko illee baruu hin dandeenye.<sup>4</sup> Namoonni kunis warra dubartoota bira dhaquudhaan of hin xureessine dha; isaan gursumma isaanii hin balleessine. Hoolichi eessa iyyuu yeroo deemu, Isa faana kan deeman isaani dha. Isaan kuni, warra sanyii namaa keessaa jalqabatti Waaqayyoo fi Hoolichaaf furamani dha.<sup>5</sup> Afaan isaanii keessatti sobni tokko illee hin argamne; isaan warra mudaa of irraa hin qabnee dha.<sup>6</sup> Ergamaan biraa, kan wangeela isa bara baraa baatee, warra lafa irra jiraataniif, saba, gosa, afaanii fi namoota hundumaattif labsuudhaaf, walakkaa samii keessa balali'aa jiru tokko nan arge.<sup>7</sup> Innis sagalee isaa ol fudhatee, "Sa'atiin firdii isaa waan ga'ee jiruuf, Waaqayyoon sodaadhaa; ulfinas Isaaf kennaa. Isa waaqa, lafa, galaana fi burqaa bishaanii uumeefis sagadaa" jedhee dubbate.<sup>8</sup> Ergamaan biraa, inni lammaffaa, isa duraatti aansuudhaan, "Kufteetti; kufteetti Baabiloon isheen guddittiin; isheen sabni hundumtuu dhugaatii waynii ishee isa halalummaa ishee irraa dhufu akka dhugan amansiifte kufteetti" jedhe.<sup>9</sup> Ergamaan biraa, inni sadaffaan, isaanitti aanee sagalee guddaadhaan, "Eenyumtuu bineensichaa fi fakkii bifa isaaf sagada yoo ta'e, gubaa sanas adda isaa irratti yookiin immoo harka isaa irratti fudhatee yoo godhate,<sup>10</sup> inni dhugaatii waynii isa dheekkamsa Waaqayyoos ni dhuga; waynii isa otoo bishaan itti hin makamiin burcuqqoo aarii isaatti buufame ni dhuga. Namni kana dhugus, fuula ergamoota ququlloota ta'ani fi, fuula Hoolichaa duratti ibidda fi ibidda qabsiistuu boba'uun ni dararama."<sup>11</sup> Aarri ibidda isaan ittiin dararamanii immoo bara baraaf ol ni ba'a; warri bineensichaa fi fakkii bifa isaatiif sagadan kunneenis, akkasumas, namni gubaa sanas adda isaa irratti yookiin immoo harka isaa irratti fudhatees halkanii fi guyyaas boqgonnaa hin qabani.<sup>12</sup> Kunis, warra Waaqayyoof qulqulla'anii, warra abboommii Waaqayyoo eeganii fi warra Yasuusitti amanan irraa obsaan danda'uun barbaada" jedhe.<sup>13</sup> Anis sagalee waaqa keessaa nan dhaga'e; innis, "Kana barreessi: Warri Gooftaatti qabamanii du'ani, warra eebifamani dha". Afuurri Qulqulluus, "Eyyee, bu'aan (firiin)" hojii isaanii isaan duukaa ni bu'a; kanaafuu, dadhabbiisaanii irraa aara haa galfatani" jedha.<sup>14</sup> Ani nan ilaale; hurrii adii tokkos nan arge. Ilma namaa kan fakkaatu tokko hurricha irra taa'eera. Gonfoo warqee mataa irra godhateera; haamtuu qara qabdu tokko immoo harkatti qabateera.<sup>15</sup> Sana booddees, ergamaan biraa tokko mana sagadaa sana keessaa gadi ba'eetu, sagalee guddaadhaan, isa hurrii irra taa'ee jiru sana waamee: "Haamtuu kee fudhuutii, haamuu jalqabi. Midhaan biyya lafaa bilchaatee waan jiruuf, yeroon haaman ga'eera" jedhe.<sup>16</sup> Achumaan inni hurrii irra taa'ee jiru suni haamtuu isaa biyya lafaa irra kaa'ee cire; biyyi lafaas ni haamame.<sup>17</sup> Ergamaan biraa tokkos mana sagadaa isa waaqa keessa jiru keessaa ni ba'e; innis haamtuu qara qabdu qabateera.<sup>18</sup> Ammas ergamaan biraa, inni ibidda irratti aangoo qabu, iddoor aarsaaixaanaatii gadi ba'ee. Sagalee guddaadhaan ergamaa isa haamtuu qara qabdu qabu waamee, "Haamtuu kee ishee qara qabdu qabadhuutii wayniin waan bilchaateef muka waynii biyya lafaa irraa haamiitii walitti qabi" jedhe.<sup>19</sup> Ergamichis haamtuu isaa biyya lafaa irra kaa'ee, wayniis muka wayinii irraa ciree haame. Bakka cuunfaa waynii dheekkamsa Waaqayyoo isa guddaattis durbate.<sup>20</sup> Iddoon cuunfichass magaala duubatti ni dhidhiitame; dhiigni inni hanga luugama fardaa bira ga'us keessaa gadi dhangala'e; innis naannoo kiilo meetra 1,600 ni ta'a.

## Chapter 15

<sup>1</sup> Sana boodas, mallattoo guddaa fi dinqisiisaa ta'e tokko waaqa keessatti nan arge: Ergamtoota toorbaa fi dhukkuba dha'icha toorba turani. Dhukkubni dha'ichaa kenneennis warra dhumaa fi warra dheekkamsi Waaqayyoo ittiin dhaabatu (xumuramu) dha.<sup>2</sup> Waanta akka galaana burcuqqoo kan ibiddaan walmake fakkaatu tokko nan arge. Warri bineensicha fi fakkii bifaa isaa irratti, akkasumas lakkofsa isa maqaa isaa ibsu irratti mo'insa argatan suni immoo galaanicha bukkee dhaabbatanii jiru. Kiraara isa Waaqayyo isaaniif kenne qabatanii jiru.<sup>3</sup> Isaanis faarfanna Musee, isa tajaajilaa Waaqayyoo ta'e, fi faarfanna Hoolichaa faarfachaa jiru: "Hojiiwwan kee guddaa fi dinqisiisa dha. Yaa Gooftaa Abbaa Humnaa. Daandiiwwan kee sirrii (qajeelaa) fi dhugaa dha. Yaa Mootii saba hundaa. <sup>4</sup>Kan siitiin hin sodaanne eenyu dha, yaa Goofta! Maqaa kees kan hin ulfeessine eenyu dha? Si duwwatu qulqulluu dha. Sabni hundumtuu ni dhufu; Fuul dura keettis ni sagadu; Hojiwwan kee isaan qajeelloon sababa ifa ba'aniif (mul'ataniif) dha" jedhanii faarfatu turani.<sup>5</sup> Waantota kanneen eergan ilaalee booda, manni sagadaa iddoon itti dhugaan ba'amu waaqa keessaa baname.<sup>6</sup> Ergamoonni toorban sunii dhukkuboota dha'icha toorban sana qabatanii mana sagadaa sana keessaa gadi ba'ni. Isaanis uffata calaqqisaal layineeni jedhamu uffatanii, qoma isaaniis hidhata (marxfannoo) warqee irraa hojjetamee hidhatanii ture.<sup>7</sup> Uumamtoota lubbuu qaban arfan sana keessaa inni tokko, waciitii warqee irraa hojjetaman toorba warra dheekkamsa Waaqayyoo isa kan bara baraatiin guutaman, ergamoota toorban sanaaf kenne. <sup>8</sup>Manni sagadichaas aara isa ulfina Waaqayyoo fi humna isaa irraa dhufeetiin guutamee. Hangaa yeroo dhukkuboони dha'ichaa toorban kan warra ergamoota toorbaa sanaa xumuramanittis, namni tokko iyyuu manicha keessa seenuu hin dandeenye.

## Chapter 16

<sup>1</sup> Anis mana sagadaa sana keessaa sagalee guddaa ergamoota toorban sanaan, “Dheekamsa Waaqayyoo isa waciitii toorban sana keesa jiru dhaqaatii lafa irratti gadi naqaa”, jedhu nan dhaga’e.<sup>2</sup> Ergamaan inni duraas deemetu, waciitii isaa keessaa lafa irratti gadi naqe; madaawwan nama jibbisisanii fi nama dhukkubsan, namoota warra gubaa bineensichaa of irraa qabanii fi warra fakkii bifa isaaf sagadanii irra namm’e.<sup>3</sup> Ergamaan inni lammafaan immoo waciitii isaa keessaa galaana keessatti gadi naqe. Innis dhiiga ta’e, dhiiga akka nama du’ee; lubbuu qabeeeyonni galaana keessa jiraatan hundumtuu ni du’ani.<sup>4</sup> Ergamaan inni sadaffaan immoo waciitii isaa keessaa lagaa fi burqituu bishaanii keessatti gadi naqe; isaanis dhiiga ta’ani.<sup>5</sup> Ergamaan bishaanotaas, “Ati qajeelaa dha – inni jirtu, inni turtes, Ati Qulqulluu dha – Sababni isaas, waantota kanaaf situ firdii kenne. <sup>6</sup>Sababa isaan dhiiga warra siif qulqullaanii fi warra raajotaa kee dhangalaasanii, ati immoo dhiiga isaan dhugan isaaniif laatte; kunis waanta isaaniif ta’uu qabu dha” yeroo inni jedhu nan dhaga’e.<sup>7</sup> Iddo aarsaattis, debi’ii, “Eyyee, yaa Waaqayyo Goofta Inni hundumaa dandeessuu, firdiwwan kee dhugaa fi qajeelaa dha” jedhu nan dhaga’e.<sup>8</sup> Ergamaan inni afuraffaan immoo waciitii isaa keessaa biiftuu irratti gadi naqe; namoota ibiddaan guggubuun isaaf eeyyameera.<sup>9</sup> Namoonnis ho’ a hamaa sanaan ni guggubamani. Isaanis, Waaqayyo isa da’ichoota kana irratti aango qabu, maqaa isaa waamanii arrabsani. Hojii isaanii kanattis, isaan hin qaabbin; yookiinis, keessaa immoo isaan Waaqayyoona isaa dha’icha kana hundumaa irratti gooftummaa qabu maqaa Waaqayyoof ulfina hin kennine.<sup>10</sup> Sana booddee immoo, ergamaan inni shanaffaan waciitii isaa keessaa barcumaa bineensichaa irratti gadi naqe; mootummaan isas dukkanaan uffisame; warri achi jiranis hammeenya gidiraa isaan irra ga’e irraa kan ka’e, arraba isaanii nyaachaa (cicciinää) turani.<sup>11</sup> Sababa hammeenya gidiraa isaan irra ga’ee fi madaawwan isaanii irraa kan ka’es, Waaqayyoo waaqaa arrabssaa turani; hojiwwan isaaniittis gaabbuu ni didani.<sup>12</sup> Ergamaan inni ja’affaan immoo waciitii isaa keessaa laga isa guddicha, Laga Efiraaxes, itti gadi naqe. Mootota warra karaa ba’a biiftuu dhufuuf jedhaniif daandii qopheessuuf jechas, bishaan lagichaas ni goge. <sup>13</sup>Afuronni hin qulqullofnii sadii kan raachota fakkaatan afaan jawwichaa, afaan bineensichaa fi afaan raajii ishee sobduu sana keessaa yommuu ba’anii nan arge.<sup>14</sup> Isaanis afurota seexanootaa warra mallattoowwan dingisiisaa ta’an argisiisanii dha. Kanaafis, gaafa guyyaa isa guddichaa kan Waaqayyoo Abbaa Humnaa sanaa mootota guutummaa biyya lafaa irratti lola banuuf warra mootota walitti qabuudhaaf ba’anii dha.<sup>15</sup> Sagaleen tokkos, “Hubadhaa! Ani akka hattuuttin dhufa; qulla isaa adeemee qaamni isaa bakkeetti mul’atee haala isa qaanessuun akka isaan isa hin arginetti, namni inni dammaqinaan uffata isaa uffatee na eeggatu, eeb bifamaa dha” jedhe.<sup>16</sup> Isaanis, mootota sana iddo afaan Hibriiwwutiin “Armaagedoon” jedhamutti walitti qabani.<sup>17</sup> Sana boodas, ergamaan inni torbaffaan waciitii isaa keessaa qilleensatti gadi naqe. Itti aansees, sagaleen guddaan “Raawwateera!” jedhu mana sagadaa sana keessaa fi barcumicha birra dhaga’ame.<sup>18</sup> Achumaanis, balaqqeessi ni balaqqeessa’e; ni guguungume; awl jala qabees ni qaqqawweesse; kirkirri lafaa hamaanis ni ta’e – kirkirri lafaa kunis erga namni lafa irra jiraachuu jalqabee kaasee kirkira lafaa uumamanii turan hundaa kan caalu kirkira guddaa dha.<sup>19</sup> Magaalli guddittiin sunis bakka sadiitti gar-gar baate; magaaloni saboota biyya lafaas ni kufani. Sana boodas, Waaqayyo magaala gudditti Baabiloon yaadateetu, wayinii isa dheekamsa Isaa isa baay’ee hamaa irraa hojjetamee burcuqqotti guutee isheefii kenne.<sup>20</sup> Biyyoonni bishaan keessaa hundumtuu hin badani; tulluuwwanis hin argamne.<sup>21</sup> Cabbii guguddaan, inni tokkoon isaa hanga kiiloo 60 ulfaatu, samii keessaa namoota irratti gadi roobe. Da’ichi cabbii kunis baay’ee hamaa waan tureef, namoonni sunis Waaqayyoona arrabsani.

## Chapter 17

<sup>1</sup>Ergamtoot toorban warra waciitii toorba qabatanii jiran keessaa inni tokko gara koo dhufeetu anatti dubbatee, "Kottu, firdii sagaagaltitti ishee guddittii, bishaanota baay'ee irra teessu sanaa, ani sitti nan argisiisaa;<sup>2</sup>Ishee mootonni biyya lafaa wajjin sagaagalani; ishee wayniin ishee inni isheen sagaagalummaa isheetiin hojjetteen, warri lafa irra jiraatan ittin machooftuu ta'an" jedhe.<sup>3</sup>Achiin boodas, ergamichi Afuuraatiin ol na baatee gara lafa onaatti na geesse; achittis dubartii bineensa dimaa kan maqootni arrabssoo irra guutee jiru irra teessee jirtu tokko nan arge. Bineensichis mataawwan toorbaa fi gaanfota kudhan qaba.<sup>4</sup>Dubartittiin uffata purple fi diimaa uffatteetti; warqee, albuudota dhagaa qaal'aa ta'anii fi calleetiinis of miidhagsiteetti. Kubbayyaa warqee wantota nama jibbiisanii fi xuraa'ummaa sagaagalummaa isheetiin guutamee jirus, harkatti qabatteetti.<sup>5</sup>Maqaan inni iccitti qabu, "Baabiloon guddittii, haadha sagaagaltootaa fi haadha biyya lafaa irratti waantota nama jibbiisanii" kan jedhu adda ishee irratti barreeffamee ture.<sup>6</sup> Dubartitiin dhiiga warra Waaqayyoof qulqullaa'aniitiini fi dhiiga warra Yasuusiif dhugaa ba'uu isaaniitiif aarsaa ta'aniitiin machooftee akka jirtus nan arge. Yeroon ishee arges, ani baay'een ajaa'ibame.<sup>7</sup>Ergamichi garuu, "Maaliif ajaa'ibamte? Iccitii dubartittii fi kan bineensicha, isa mataawwan toorbaa fi gaanfota kudhan qabuu, ishee baatee jiruu, anu siifan ibsa.<sup>8</sup> Bineensichi ati argitee turte sun, amma hin jiru; boolla qilee sana keessaa ol ba'uuf jira. Sana booddees, balleessii isaatti ni fufa. Isaan warri lafa irra jiraatan suni, isaan warri erga biyyi lafaa kun uumame jalqabee maqaan isaanii Kitaaba Jirenyaa keessaatti hin barreessamnee, isaan yeroo bineensicha argan ni ajaa'ibamu; sababni isaas waan inni takka jiraachaa tureef, waan amma hin jirreef, garuu immoo deebi'ee argamuuf waan jiruufi dha.<sup>9</sup>Kuni sammuu ogummaa qabu barbaada; mataawwan toorban suni tulluuwwan toorba kanneen dubartittiin irra teessuu dha. akkasumas mataan torban mootota torba.<sup>10</sup>Dabalataanis, mataawwan toorban suni, mootota toorba dha. Isaan keessaas, shan kufaniiru; tokko jira; inni hafe tokko immoo hanga ammatti hin dhufne; dhufuudhaafis, hanga yeroo gabaabduu duwwaadhaaf turuun isa irra jira.<sup>11</sup> Bineensichi inni takka jiraachaa ture, amma immoo hin jirre, isa saddeetaffaa dha. Innis warra toorban sana waan ta'eef gara balleessii isaa ni dhaqa.<sup>12</sup>Gaanfonni kurnan warri ati argitee turte immoo, mootota kudhan warra hanga ammaatti mootummaa hin fudhanne dha; isaan garuu bineensicha wajjin sa'atii tokkootiif akka moototaatti aangoo ni fudhatu.<sup>13</sup>Isaanis yaadni isaani tokko waan ta'eef, humna fi aangoo isaanii dabarsanii bineensichaaf ni kenuu.<sup>14</sup>Hoolicha irrattis waraan ni banu. Hoolichi garuu Gooftaa gooftotaa, Mootii moototaas waan ta'eef, isaaniin ni mo'a; warri isaa wajjin jiranis warra waamaman, warra filataman, akkasumas warra amanamanii dha" naatiin jedhe.<sup>15</sup> Ergamichi akkasis anaan jedhe: "Iddoo sagaagaltuun suni tessee jirtutti bishaanонни ati argitee immoo, namoota, uummattoto walga'anii jiran, saboota fi, afaanota dha.<sup>16</sup>Gaanfonni kurnan ati argitee fi bineensichi sagaagaltuu sana ni jibbu. Qobaatti ishee baasu; qullaattis ishe hanbisu; foon ishees ni nyaatu, ibiddaanis guutumman guututti ishee ni gubu.<sup>17</sup>Waaqayyoos hanga dubbiin Isaa raawwatutti, akka isaan waligaluudhaan mootummaa isaanii dabarsanii bineensichaaf kennanii fi akeeka isaas hojjetaniif jecha kanas garaa isaanii keessa kaa'eera.<sup>18</sup>Dubartittiin ati argitee turtes, magaala gudditti ishee mootota biyya lafaa bituuf isaan irratti aangoo qabdu dha".

## Chapter 18

<sup>1</sup>Waantotni kuni erga ta'ani booda immoo, ergamaan biraan tokko waqa keessa yeroo gadi dhufaa jiru nan arge. Innis aangoo guddaa waan qabuuf, biyyi lafaas ulfina isaatiin ni ife.<sup>2</sup>Innis sagalee nama sodaachisuun ni iyee, "Kufteetti, Baabiloon isheen gudditiin kufteetti! Isheen iddo seexanoonni jiraatan taateetti; isheen mana hidhaa warra afuura hin qulqulloofnee taateetti; isheen mana hidhaa simbirroo hin qulqulloofnee taateetti; isheen mana hidhaa bineensota hin qulqulloofnee fi bineensota nama jibbisiisanii hundumaa taateetti.<sup>3</sup>Saboонни hundumtuu waynii ishee isa halaalameeru sana dhuganiiru. Mootonni biyya lafaas ishee wajjin sagaagalaniiru. Daldaltonni biyya lafa irraas humna ishee qaixii hin qabne sanaatiin sooromaniiru" jechuudhaan.<sup>4</sup>Sana boodees, sagaleen biraan tokko waqa keessaa, "Yaa uummataa koo! Cubbuu ishee akka hin qooddanneef, dha'icha ishee tokkoo isaa iyyuu akka hin fudhaneef, ishee biraatii gadi ba'atii koottaa.<sup>5</sup>Cubbuun ishee hamma waqaatti ol fagaatee wal irratti tuulameera, Waaqayyoos hojiiwan ishee yara ta'an sana hundumaa yaadateera.<sup>6</sup>Liqii isheen nama irratti fidde, isheefis ni deebisaa; wanta isheen gooteefis, dachaa lamaan ni godha. Kubbaayya isa isheen ittiin namaaf bulbulatteti, harka lamaan isheef ni bulbul.<sup>7</sup>Akkuma isheen ulfina ofif laattee, jirenya qananii jiraatteenis, gidiraa fi gadda hangas ga'u isheef ni kenna. Isheen garaa isheetti, 'Ani akka Mootuutti taa'een jira; ani gaalamoota miti. Gaddis nan argu.' ofin jetteetti.<sup>8</sup>Kanaafuu, guyyaa tokko keessatti, da'ichooni ishee ni dhufu: du'a, gaddaa fi beela. Ibiddaanis ni gubatti. Kunis kan ta'u, Waaqayyo Gooftaan Inni Abbaa humnaa, firdii ishee waan isheefi kennuufi dha" jedhe.<sup>9</sup>Mootonni biyya lafaa warri ishee wajjin sagaagalaniii fi keessa gadi ba'anii jiraatan, yeroo aara gubachuu ishee argan, isheedhaaf boo'anii wawwaachuuf jiru.<sup>10</sup>Gidiraa isheen argaa jirtu sodaataniis irraa fagaatanii dhaabbachuduhaan, "Wayyoo, wayyoo, magaala guddittiif, ya Baabiloon, magaala humna-qabeettii. Adabbiin kee sa'atii tokko keessatti dhufe" ni jedhu.<sup>11</sup>Kana booda meeshaa isaanii namni irraa bitu waan hin jirreef, daldaltonni biyya lafaas isheedhaaf ni boo'u, ni gadduus.<sup>12</sup>Meeshaa warqee, meetii, albuudota dhagaa warra gatiin isaanii qaali ta'e, calleewwan, uffata naayileen gaarii irraa hojjetame, uffata bifaa dhiilgee, haarrii, uffata bildiimaa, muka urgaau kan gosa hundumaa, mi'a ilka araba irraa hojjetame hunduma, mi'a muka baay'ee gati qaali baasu irraa hojjetame, mi'a sibiila diimaa, kan sibiila, kan dhagaa miidhagaa irraa hojjetame,<sup>13</sup>qarafaa, qimamii urgeessituu, ixaana, qumbii, haphee, dhugaatti waynii, zayiti, daakuu bullaa'aa, qamadii, horii fi hoolaa, fardeenii fi gaarii fardeeniin harkifamu, qaamaa fi lubbuu namootaas isaan irraa kan bitu hin jiru.<sup>14</sup>Akkumas, "Humna qabeenya kee hundumatiin bu'aan ati argachuudhaaf hawwaa turte si harkaa ba'eera. Qananii fi jirenyi kee cululuqn suni hundumtuu, akka deebi'anii hin argamnetti, si harkaa badaniiru" isheettiin jedhu.<sup>15</sup>Daldaltonni meeshaalee kanneenii warri qabeenya isheettiin sooromanii turanis, sababa gidiraa ishee sodaataniif, ishee irraa fagaatanii dhaabataniitii isheef iyyanii ni boo'u, ni gadduus.<sup>16</sup>Isaanis, "Wayyoo, wayyoo yaa magaala guddittii, ishee uffata laayineenii bareedaa, ishee uffata dhiilgee fi bildiimaa uffachaa turteef; ishee warqee fi meeshaalee miidhaginiia qaali ta'anii godhattee, calleewwanis naqattee of miidhagsitu turtee.<sup>17</sup>Sa'atii tokko keessatti qabeenyi kun hundumtuu kan jalaa bade, wayyoo, wayyoo" jedhanii ni boo'u. Warri markaba irratti ajajan, warri markabaan adeeman, warri markaba keessaa hojjetan, warri hojji galaana irratti hojjetamuun jiraatan hundumtuu ishee irraa fagaatanii ni dhaabatu.<sup>18</sup>Aara isheen gubachaa jirtuu yeroo argan immoo ni iyyanii. Isaanis "Magaala isa kamtu akka magaala guddittii kanaa fakkaata ture?" jedhani.<sup>19</sup>Biyyoo mataa isaanii irratti facaasaniis, "Wayyoo, wayyoo yaa magaala guddittii, ishee iddo warri markaba galaana irraa qaban hundumtuu itti sooromanii. Sa'atii tokko keessatti kan badde taateetti!" jedhani iyyanii boo'aa fi gaddaa turani.<sup>20</sup>Sagaleen tokko immoo, "Yaa waqaqa, yaa warra Waaqayyoof qulqulloftani, yaa ergamootaa, yaa raajotaa, waan ishee irratti ta'etti gammada! Waaqayyo firdii keessan ishee irratti isiniif waan faradeef, gammadaa!" jedhe.<sup>21</sup>Ergamaan guddan tokko dhagaa gudda kan dhagaa daakuu fakkaatu tokko fuudhee "Baabiloon, magaalli ishee gudditiin suni akkas dhiibamtee gadi darbatamti; deebitees hin argamtii" jechaa galaana keessatti darbatee<sup>22</sup>"Sagaleen warra kiraara rukutuu, kan warra weellisuus, sagalee warra ulullee fi xurumbaa xabataniis deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu. Ogeessonni harkaas deebi'anii si keessatti hin argamani; sagaleen dhagaa daakuus, deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu.<sup>23</sup>Ifni ibsaas, kana booda deebi'ee si keessatti hin ifu; sagaleewwan mishirroo fi mushurraas, kana booda deebi'anii si keessatti hin dhaga'amani; daldaltonni kee namoota kabajamoo biyya lafaa waan turaniif, saboonni mora keetiin gowwoomfamaa turani.<sup>24</sup>Dhiigni raajotaa fi kan warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, akkasumas dhiigni kan warra biyya lafa irratti ajjeefamanii hundumtuu, ishee keessatti argameera" jedhe.

## Chapter 19

<sup>1</sup>Waantota kunneen booda, sagalee guddaa isa kan uummata baay'ee fakkaatu waaqa keessaa nan dhaga'e. Innis, "Haaleeluya! Fayyinni, ulfinni fi humni kan Waaqayyo keenya ti!<sup>2</sup>Firdiiwan isaa dhugaa fi qajeelaa waan ta'aniif, sagaagaltuu ishee guddittii, ishee walqunnamtii saalaa ishee isa yaraa sanaatiin biyya lafaa balleessite sana irratti Inni faradeera. Dhiiga hojjetoota Isaa isa harka isheetiin dhangalaa'eefis, gumaa baaseera" jedhanii dubachaa turani.<sup>3</sup> Yeroo lammaffaafis isaan ni dubbatani: "Haaleeluya! Aarri sunis hamma bara baraatti ishee keessaa ni aara" jedhani.<sup>4</sup>Manguddoonni digdamii arfan sunii fi uumamtoonni lubbuu qaban arfan suni gadi gombifamanii, Waaqayyo isa barcumicha irra taa'eef sagadanii. Isaan, "Ameen, haaleeluya!" jechaas turani.<sup>5</sup> Sana boodas, sagaleen barcumicha biraabaa, "Isin hundumti keessanu – isin hojjetoonni Isaa, isin warri Isa sodaattan, isin warri xinnaanis guddaanis – Waaqayyo keenya galateeffadhaa!" jedhe.<sup>6</sup>Itti aanees, sagalee akka sagalee uummata baay'ee, sagalee isa sagalee bishaan walitti baay'atee huursaa deemuu fakkaatuu fi sagaleen bakakkaa guddaa guungumee qaqqawweessa'u fakkaatu tokko nan dhaga'e; innis, "Haaleeluya! Gooftichi waan mo'uuf; Waaqayyo keenya, Inni hundumaa danda'u waan mo'uuf."<sup>7</sup>Kottaa ni gammanna; ni illichinaa! Ulfinas isaaf ni kennina! Guyyaan gaa'ela Hoolichaa ga'era; mishirroon isaas of qopheessiteetti!<sup>8</sup>Isheenis uffata calaqqisaa fi qulqulluu kan laayineenii irraa hojjetame akka uffattu isheedhaaf eeyyamameera" jedhe (uffanni laayineenii inni gaarii sunis hojjiwwan warra Waaqayyoof qulqulla'anii isaa qajeelaa dha).<sup>9</sup>Ergamichis kana naan jedhe: "Kana barreessi: Warri diggisii cidha gaa'ela Hoolichaa irratti waamamani, eebbifamtoota dha!" Itti dabalees, "Isaan kunis, sagaleewan Waaqayyoo isan dhugaa dha" naan jedhe.<sup>10</sup>Anis isaaf sagaduudhaaf jedheen miilla isaa jalattin kufe. Inni garuu, "Kana hin godhiin! Hidhatni ani siitii fi obboloottan kee warra waa'ee isaa Yasuus dhugaa ba'etti qabamaniiif qabu hojji dha. Inni Yasuus dhugaa ba'e, isa afuurri namoota raajii dubbachiisuu dha; kanafuu, anaaf otoo hin ta'iin, Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe.<sup>11</sup>Kana booddees, waaqni banamee nan arge; ilaalanis, farda adii tokkon arge. Inni fardicha yaabbatee jirus amanamaa fi dhugaa jedhama; inni kan faradus, kan lola banus, qajeelummaadhaani.<sup>12</sup>Iji isaa akka barbadaa ibiddaa ti; mataa isaa irra gonfoo baay'eetu jira. Isa irraa kan hafe, maqaa namni biraan hin beekne, kan isa irratti barreessame jiru tokko ni qaba.<sup>13</sup>Uffata dhiigaan cuuphame uffatee jira; maqaan isaas "Sagalee Waaqayyoo" jedhama.<sup>14</sup>Waraanni waaqa keessaa fardeen a'adii yaabbatanii, uffata 'laayineenii' adii fi qulqullu uffatanii, isa duukaa bu'ani.<sup>15</sup>Afaan isaa keessaa haaduu qaramaa, isa inni saboota biyya lafaa ittiin rukutu ni ba'e; inni ulee sibiilaatiinis isaan ni tiksa. Inni iddo cuunfaa waynii isa Waaqayyo Inni Hundumaa danda'u aariidhaan itti dheekkame keessa deemees ni dhidhiita.<sup>16</sup>Uffata isaa fi sarbaa milla isaa irrattis maqaan, "Mootii moototaa fi Gooftaa gooftotaa" jedhu barreessamee jira.<sup>17</sup>Achiin booda immoo ergamaa biiftuu irra dhaabate tokko nan arge. Innis sagalee guddaatiin hallaattota waaqa keessa balali'an hundumaa, "Diggisii isa guddaa isa Waaqayyo qopheesse sanaaf walitti qabamanii kootta" jedhee isaan waame.<sup>18</sup>Itti dabalees, "Koottatii foon moototaa, foon ajajjota waraanaa, foon namoota ciccimoo. foon fardeenii fi kan warra isaan yaabbatanii jiranii, foon namoota hundumaa, kan isa bilisa ta'ees, kan isa garboomees, kan isa guddaas, kan isa xinnaas nyaadhaa" jedhe.<sup>19</sup>Itti aanees, bineensichaa fi mootota biyya lafaa loltoota isaanii wajjin nan arge. Isaanis isa fardicha yaabbatee jiru sanaa fi loltoota isaa irratti waraana banuuf jedhanitu walitti qabamanii jiru.<sup>20</sup>Bineensichi fi raajichi sobduun inni fuula isaa duratti mallattoowwan argisiisaa ture suni ni booiji'amani. Inni mallattoowwan kanaan warra gubaa bineensichaa of irratti godhatani fi warra fakki bifaa isaatifi sagadaa turani gowwoomsaa ture. Warri qabaman lamaan kunis, otoo dhuma lubbuudhaan jiranii haroo ibiddaa dhagaa boba'uu sana keessatti darbatamani.<sup>21</sup> Warri hafan immoo haaduu isa afaan isa farda yaabbatee jiru sana keessa ba'een ajjeefamani. Hallaatonni sun hundumtuu foon reeffa isaanii ni nyaatani.

## Chapter 20

<sup>1</sup>Itti aanees, ergamaa waqa keessaa gadi bu'aa jiru tokko ani nan arge. Innis furtuu boolla qilee sanaa fi sansalata guddaa harkatti qabatee ture.<sup>2</sup>Innis jawwee sana, bofa isaa durii sana, isa diyaabiloos yookiin immoo Seexana jedhamu, qabeetu wagga kuma tokkoof hidhe.<sup>3</sup>Boolla qilee sanattis isa darbate. Boollichas itti cufeetu irratti saamse. Kanas kan inni godhe hanga waggaan kumni tokko suni raawwatamutti, akka inni deebi'ee saboota biyya lafaa hin gowwoomsineefi dha. Guyyaa sanaan booda garuu, yeroo muraasaaf gadi dhiifamuun isaaf mi mala.<sup>4</sup>Achiin booda immoo barcumoota sana nan arge. Barcumoota sana irras warra firdii kennuuf aangoon isaaniif kenname suni taa'anii jiru. Dabalataanis, lubbuuwwan warra waa'ee Yasuus dhugaa ba'anii fi warra sagalee Waaqayyootiif jedhani morma kutamanii nan arge. Isaan bineensichaaf yookiin immoo fakkii isaaf hin sagadne ture dha; isaan warra adda isaanii irratti yookiin immoo harka isaanii irratti gubaa sana godhachuuus didanii ture dha. Isaanis jireenyatti deebi'anii, wagga kuma tokkoofis Kiristoos wajjin ni mo'ani.<sup>5</sup>Warra du'ani keessaa warri hafan immoo hanga waggaan kumni tokko suni dhumutti jireenyatti hin deebine. Kunis, du'aa ka'uua isa jalqabaati.<sup>6</sup>Eenymtuu inni du'aa ka'uua isa jalqabaa keessatti hirmaate, eebbfamaa fi qulqulluu dha! Duuni inni lammaffaa warra kana irratti aangoo hin qabu. Isaan luboota Waaqayyoo fi luboota Kiristoos ta'uudhaan, Kiristoos wajjin wagga kuma tokkoof ni mo'u.<sup>7</sup>Waggaan kumni tokko suni yeroo dhumutti, Seexanni hidhaa isaa keessa ni ba'a.<sup>8</sup>Innis gadi ba'eetu sabota karaa golee lafaa arfaniin jiran hunduma ni gowwoomsuudhaan Goog fi Maagoog, lolaaf walitti isaan isaan ni fida. Baayy'inni isaaniis akka cirracha galaanaa keessa ni ta'a.<sup>9</sup>Isaanis gooda lafaa irran ba'aniit, magaala jaalatamtittii, bakka buufata warra Waaqayyoof qulqullaaniit, ni marsu. Garuu ibiddi waqa keessaa bu'eetu, isaan fixe.<sup>10</sup>Seexannichi, inni isaan gowwoomse, haroo dhagaa boba'u, iddo bineensichii fi raajii sobduun suni itti darbatamanii ture, keessatti gadi darbatame. Isaanis bara baraatiif halkanii fi guyyaa ni dararamu.<sup>11</sup>Sana booddees, barcumaa adii guddaa tokkoo fi barcumicha irra taa'e kan jiru tokko nan arge. Laftii fi waqaqnis fuula isaa duraa baqtatani; iddo dhaqan garuu hin arganne.<sup>12</sup>Warri du'ani, xinnaanis guddaanis, barcumicha fuul dura dhaabatanii nan arge; kitaabonis yeroo saaqamani nan arge. Kitaabni biraas, Kitaaba Jireenyaa, ni saaqame. Warri du'anis, akkuma hojiwwan isaniitti haaluma kitaabota sana keessatti barreeffamee jiruun firdii isaanii argatani.<sup>13</sup>Galaanni warra du'anii isa keessa jiran baasee kenne. Duunii fi mootummaan warra du'aniis, warra du'anii isaan harka jiran baasanii kennani; warri du'anis, akkuma hojiwwan isaniitti firdii isaanii argatani<sup>14</sup>Duuttii fi mootummaan warra du'anii immoo haroo ibiddaa keessatti gadi darbatamani. Haroon ibiddaa kunis, du'a isa lammaffaa dha.<sup>15</sup>Namni maqaan isaa Kitaaba Jireenyaa kana keessatti hin barreessamne yoo argame, haroo ibiddaa keessatti darbatama ture.

## Chapter 21

<sup>1</sup>Achiin boodas, ani waaqa haaraa fi lafa haaraa nan arge; waaqaa fi lafti warri duraa darbanii jiru; galaannis kana booda hin jiru.<sup>2</sup>Magaala qulquillitti, Yerusaalem ishee haaraa, ishee akka mishirroo abba manaa isheef of kuultee bareedee dhuftuu, Waaqayyo bira yeroo waaqa keessaa gadi buutu nan arge.<sup>3</sup>Anis sagalee guddaan barcumicha bira yeroo dubbatu nan dhaga'e; innis, "Ilaali! Bakki Waaqayyo buufatu amma namoota giddutti argama; innis isaan bira jiraachuufi dha. Isaan uummataa isaa ni ta'u; Waaqayyo mataan isaa, isaan wajjin jiraachuufi dha; Waaqayyoo isaanii ni ta'a.<sup>4</sup>Inni imimmaan isaanii hunduma isaa ija isaanii irraa ni haqa; kana boodees, duunis, gaddis, iyyis, dhukkubnis hin jiru. Warri duraa darbanii jiru" jechaa ture.<sup>5</sup>Inni barcumicha irra taa'ee jiru suni, "Ilaali! Ani waan hundumaa haaraa nan godha!" naatiin jedhe. Itti dabalees, "Dubbiiwwan kunneen amanamaa fi dhugaa waan ta'aniiif, barreessi" naan jedhe.<sup>6</sup>Akkasumas "Waantotni kunneen ta'anii jiru! Ani Aalfaa fi Omeegaa dha;isa jalqabaa fi isa dhuma ti. Ani isa dheeboteef burqituu bishaan jirenya irraa kaffaltii tokko malee tolaan nan kennaafi.<sup>7</sup> Inni mo'us, waantota kana ni dhaala; anis Waaqayyoo isaa nan ta'a; innis ilma koo ni ta'a.<sup>8</sup>Warra sodaattotaa, warra amantii hin qabnee, warra nama jibbisiisanii, warra lubbuu balleessanii, warra safuu qooda walqunnamti saalaa hin qabnee, warra mortootaa, warra waaqayyolii tolfamaniitti waaqessanii, warra soban hundumaa ilaachisee garuu, bakki isaaniiif malu haroo dhagaa boba'uu isa hamaa sana keessa dha. Sunis du'a isa lammaffaa dha" naan jedhe.<sup>9</sup>Ergamtoota warra toorban warra waciitiiwwan toorba kanneen dha'ichoota gara dhuma toorbaniin guutaman qabtanii jiran keessaa inni tokko gara koo dhufee anatti dubbate. "As koottu. Anuu ishee mishirroo, haadha manaa Hoolichaa sitti nan argisiisaa" naan jedhe.<sup>10</sup>Achumaan Afuuraatiin ol fuudhee gara tulluu guddaa fi dheeraa tokkootti na geesse, Yerusaalem, magaala qulquillitti, Waaqayyo bira waaqaa keessaa yeroo gadi buutu anatti argisiise.<sup>11</sup>Yerusaalemis ulfina Waaqayyoo qabdi; akka dhagaa bareedinaa isaa gatiin isaa qaallii ta'ee, akka dhagaa miidhaginaa isaa 'jasper' jedhamuutti calaqqistee bareeddi turte.<sup>12</sup>Dallaa guddaa fi dheeraa, kan balbaloota karraa kudha lama qabuu fi kan ergamoonni kudha lamas eegan, qabdi turte.. Balbaloota karraa sana irrattis maqaan gosa ijoollee Israa'el kudha lamaani barreessamee jira,<sup>13</sup>karaa ba'a-biiftuu,karaa kaabaa, karaa kibbaa fi karaa lixa biiftuu, karaa tokko tokkoo isaanii, balbala karraa sadiitu jira.<sup>14</sup>Bu'urri dallaa magaalitti kan irra dhaabate immoo dhagoota kudha lama qaba; isaan irratti immoo maqaan ergamoota Hoolichaa kudha lamaa barreessamee jira.<sup>15</sup>Ergamaan inni anatti dubbatee ture sunis, kan magaalittii, balbaloota ishee fi dallaa ishee ittiin safaru ulee safartuu warqee irraa hojjetamte tokko qabatee ture.<sup>16</sup>Magaalittiin kan hundoofte lafa karaa arfaniiuu wal qixee dheeratu irratti ture. Ergamichis ulee safartuu isaaatii magaalittii ni safare; gara hundumaanuu kiiloo meetrii (stadia) kuma kudha lamaa dheeratti.<sup>17</sup>Dallaa ishees ni safare; furdinni isas, akka safara dhundhuma namaatti, dhundhuma 144 ta'e (Ergamichis hammasuma safare).<sup>18</sup>Dallichi dhagaa 'jasper' jedhamu irraa hojjetame; magaalittiin immoo warqee qulqullu, isa akka of-ilaaleetti ifuutiin ijaaramte.<sup>19</sup>Bu'urri dallichaas kan bu'e, dhagaa gatiin isaa qaallii ta'e adda addaatiin miidhagfameetu dha. Dhagaawwan kunneenis, inni duraa 'jasper', inni lammaffaa 'sapphire', inni sadaffaa 'agate' fi inni afuraffaan immoo 'emerald' kan jedhamani dha.<sup>20</sup>Akkasumas,inni shanaffaan 'onyx', inni ja'affaan 'carnelian', inni torbaffaan 'chrysolite', inni saddeetaffaan 'beryl', inni salgaffaan 'topaz', inni kurnaffaan 'chrysoprase'; inni kudha tokkoffaan 'jacinth', inni kudha lammaffaan 'amethyst' ture.<sup>21</sup>Balballi karraa kudha lamaan calleewwan kudha lama turani; balballi karraa sunis, tokko tokkon isaa calleec tokko irraa hojjetame. Daandiiwwan magaalittiin warqee qulqullu isa akka of-ilaalee keessan nama argisiisuu irraa hojjetame<sup>22</sup>Waaqayyo Gooftaan Inni Abbaa Humnaa fi Hoolichi mana sagadaa waan ta'aniiif, ani mana sagadaa tokko illee magaalittii keessatti hin argine.<sup>23</sup>Biiftuu yookiis ji'a magaalitti irratti ibsuun barbaachisaa hin ture; ulfinni Waaqayyoo dursee ishee irratti ifee jira; Hoolichis ibsaa ishee ti.<sup>24</sup>Saboonnis ifa isheetiin ni deemu. Mootonni biyya lafaas ulfina of bira qaban gara isheetti ni fidu.<sup>25</sup>Balabaloonni karra ishee yeroo guyyaa hin cufamani; halkan kan jedhamus achi hin jiru.<sup>26</sup>Isaan ulfinaa fi kabaja saboota biyya lafaa bira jiranis gara isheetti ni fidu;<sup>27</sup>Maqoota warra Kitaaba Jirenyaa Hoolicha keessatti barreessamee jiru irraa kan hafe, waanti qulqullu hin taane fi warri waanta nama jibbisiisuu fi waanta nama gowwoomsu hojjetan tokkoon isaanii illee garuu magaalittiin hin seenani.

## Chapter 22

<sup>1</sup>Achiin boodas, ergamichi lagicha Bishaan Jireenyaa isa akka cabbie qulqullaa'ee addaatu natti argisiise. Lagni kunis isa barcuma Waaqayyoo fi barcuma Hoolichaa bira burqee,<sup>2</sup> gara daandii magaalittii walakkaa keessa jirutti dhangala'u dha. Karaa gamaa fi gamanaa lagichaa immoo Mukti Jireenyaa inni sanyii gosa kudha lamaa baatee jiru ni jira; mukichis ji'a ji'an sanyii ni hora. Baalli mukichaas saba biyya lafaa fayysiudhaaf kan ta'u dha.<sup>3</sup>Kana boodas, abaarsi tokko illee magaalittii keessa hin jiraatu. Barcumni Waaqayyoo fi barcumni Hoolichaa ishee keessa jira; hojjetoonni isaas isaaf ni hojjetu.<sup>4</sup>Isaan fuula isaa ni arguu; maqaan isaas adda isaanii irra ni jira.<sup>5</sup>Halkan kana booda achi hin jiru. Waaqayyo Gooftaan waan isaan irratu ibsuuf, ifni ibsaas, ifni aduuus isaan hin barbaachisu. Isaan bara baraatiif ni mo'u.<sup>6</sup>Ergamichis, "Dubbiwwan kunneen amanamaa fi dhugaa dha. Gootichi, inni Waaqayyoon afuurota warra raajotaa, wanta as dhihootti ta'u qabu hojjetoota isaatti argisiisudhaaf jedhee ergamaa isaa ergee jira."<sup>7</sup>Hubadhu! Ani as dhihootti nan dhufa! Eenyumtuu inni dubbiwwan kitaaba kana keessatti raajaman kanaaf abboomamu, eebbifamaa dha!" jedhee natti hime.<sup>8</sup>Inni waantota kana dhaga'eес, argees ture ana, Yohannis, dha. Yeroon dhaga'eес, argees turetti, ergamaa isa kana hundumaa anatti argisiisef sagaduudhaaf jedheen miilla isaa jalatti kufeen ture.<sup>9</sup>Inni garuu, "Sana hin godhin! Ani hariiroon sii wajjin, obboloota kee warra raajotaa wajjin, akkasumas warra dubbiwwan kitaaba kanaaf abboomaman wajjinis qabu kan hojii ti; anaaf otoo hin ta'iin Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe.<sup>10</sup> Itti dabalees "Yeroon kuni itti raawwatamu as dhi'hoo waan ta'eef, dubbiwwan kitaaba kana keessatti raajamani saamsitee hin cufin.<sup>11</sup>Inni jal'aa ta'e, jal'inuma isaatti itti fufee haa hojjetu. Inni naamusaaan gadhee ta'e, gadhummaa namusa issaatti haa fufu. Inni qajelaa ta'e, waan qajelaa ta'e itti fufee haa hojjetu. Inni qulqulluu ta'e, itti fufee qulqulluu haa ta'u!" naan jedhee.<sup>12</sup>"Hubadhu! Ani dafee nan dhufa. Tokko tokkoo namaaf akka hojiwwan isaatti liqii isaa isaaf deebisuuf, badhaasni ani kennu na harka jira.<sup>13</sup>Ani Alfaa fi Omeegaa dha; isa duraati, isa booddee ti; isa jalqabaati, isa dhumaatis" jedhe, inni dhufuuf jedhu suni.<sup>14</sup>Warri uffatoota isaanii miiccatan, mirga Muka Jireenyaa sana irraa nyaachuu waan argataniif, akkasumas magaalittii karaa karraa balbalootaa sanaa seenuuf mirga waan qabaniif, isaan eebbifamtoota dha.<sup>15</sup>Saroonni, mortoonni, sagaagaltoonni, lubbuu baastonni, warri waaqayyolii tolfaman waaqessani fi warri sobaa jaalatanii fi waan sobaa hojjetan hundumtuu dallaa magaalittii duubatti ni hafu.<sup>16</sup> "Waantonni kunneen hundumtuu akaa waldoota kiristiyaanaa ga'uuf jecha, ani, Yasuus, ergamaa koo ergee isiniif dhugaa baasiseera; ani hiddaa fi sanyii Daawwiti, isa akka bakkalcha barii ifu dha" ni jedha Kiristoos.<sup>17</sup>Afuurichi fi Mushirichi, "Kottu" jedhu. Mee inni kana dhaga'us,"Kottu!" haa jedhu. Namni dheebote eenyantu, haa dhufu; namni bishaan barbaadu eenyumtuu, otoo gatii hin baasin bishaan jireenyaa haa dhugu.<sup>18</sup> Ani, dubbiwwan kitaabni kuni raajessu nama dhaga'u eenyuufuu, dhugaa nan ba'a. Namni dubbiwwan kanatti dabalu yoo jiraate, Waaqayyo adaba dha'ichoota waa'een isaanii kitaaba kana keessatti barreessamee isa irratti dabaluuf jira.<sup>19</sup>Namni dubbiwwan kitaabni kuni raajessu irraa waa hir'isu yoo jiraate immoo, Waaqayyo waa'een Muka Jireenyaa fi magaala qulqullitti inni kitaaba kana keessatti barreessamee jiru keessaa, qooda isaa ni hir'isa.<sup>20</sup> Inni waantota kanneen hundumaaf dhugaa ba'us, "Eeyyee! Ani as dhi'hootti nan dhufa" ni jedha. Ameen! Kottu, Gooftaa Yasuus!<sup>21</sup><sup>21</sup>Ayyaanni Gooftaa Yasuus hunduma faana haa ta'u! Ameen!